*Macaafa Qulqulluu Hubachuu Ni Dandeessa!*

# Waldaa Ishee Jeeqamteef Ergaa Phawloos I fi II Qorontos

BOB UTLEY
Profeesora Hermenetiksii
(Hiika Macaafa Qulqulluu)

*QAJEELEFAMA IBSITUU QO'ANNOO WALITTI FUFIINSAA*
*Kakuu Haaraa Jildii 6ffaa*

BIBLE LESSONS INTERNATIONAL, MARSHALL, TEXAS
2002 (Kan Irra Deebi'amee 2011)

# Baafata Qabiyyee

Ergaa Barreessaa: Ibsituun Kun Akkamitti Si Gargaara? . . . . . i
Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa . . . . . iii
Ibsituu:
Seensa I Qorontos . . . . . 1
I Qorontos 1 . . . . . 8
I Qorontos 2 . . . . . 46
I Qorontos 3 . . . . . 64
I Qorontos 4 . . . . . 77
I Qorontos 5 . . . . . 89
I Qorontos 6 . . . . . 99
I Qorontos 7 . . . . . 117
I Qorontos 8 . . . . . 141
I Qorontos 9 . . . . . 150
I Qorontos 10 . . . . . 164
I Qorontos 11 . . . . . 179
I Qorontos 12 . . . . . 200
I Qorontos 13 . . . . . 218
I Qorontos 14 . . . . . 227
I Qorontos 15 . . . . . 246
I Qorontos 16 . . . . . 271
Seensa II Qorontos . . . . . 282
II Qorontos 1 . . . . . 287
II Qorontos 2 . . . . . 304
II Qorontos 3 . . . . . 314
II Qorontos 4 . . . . . 324
II Qorontos 5 . . . . . 334
II Qorontos 6 . . . . . 348
II Qorontos 7 . . . . . 358
II Qorontos 8 . . . . . 364
II Qorontos 9 . . . . . 376
II Qorontos 10 . . . . . 388
II Qorontos 11 . . . . . 395
II Qorontos 12 . . . . . 405
II Qorontos 13 . . . . . 418
HafaaTokkoffaa: Ibsaa ifaa jechoota seerluga Griikii . . . . . 425
Hafaa Lammaffaa:Qeeqa Qabiyyeerraa . . . . . 432
Hafaa Sadaffaa: Hiikaa Jechootaa . . . . . 435
Hafaa Afraffaa: Beeksisa Amantii . . . . . 444

# Baafata Mata Duree Addaa


Waamamuu, I Qor. 1:1 . . . . . 9
Waldaa (Ekklessia)I QOR. 1:2 . . . . . 10
Qulqulluummaa, I Qor. 1:2 . . . . . 11
Qulqulloota, I Qor. 1:2 . . . . . 12
Nagaa (SHALOM), I Qor. 1:3 . . . . . 13
Abbummaa Waaqayyoo, I Qor. 1:3 . . . . . 14
Galata dhi'eesu, I Qor. 1:4 . . . . . 16
Mudaa kan hin qabne, qulqulluun, Cubbuu kan hin qabnee mudaa malee I Qor. 1:8 . . . . . 20
Amanuu, Amanachuu, Amantii fi Amanamummaa I Qor. 1:9 . . . . . 22
Koinōnia, I Qor. 1:9 . . . . . 25
Mucaa Waaqayyoo, I Qor. 1:9 . . . . . 26
Jajjabeessuu (*Paraklēsis*), I Qor. 1:10 . . . . . 27
Maqaa Gooftaa, I QOR. 1:10 . . . . . 28
Cuuphaa , I Qor. 1:14 . . . . . 30
Bara kanaa fi bara dhufuu, I Qor. 1:20 . . . . . 33
Sochii lootii Lallabaa Bob, I Qor. 1:21 . . . . . 34
Barbaachisummaa obsaa, I Qor. 1:21 . . . . . 34
Masihii, I Qor. 1:23 . . . . . 36
Filatamuu, I Qor. 1:24 . . . . . 37
Foon (Sarx), I Qor. 1: . . . . . 38
Duwwaadhaa fi akkasumaan (*Katargeō*), I Qor. 1:28 . . . . . 39
Qajelummaa, I Qor. 1:30 . . . . . 41
Furuu, I Qor. 1:30 . . . . . 43
Mul'suu ILLUMINATION, I Qorontos) Ilaalcha qabiyyee. . . . . . 46
Inspirationii (namaa ifuu) I Qorontos) Ilaalcha qabiyyee. . . . . . 47
kan Phaawulos "HUPER" (kan caale) walin makamoo, I Qor. 2:1 . . . . . 48
Dhoksaa, I QOR. 2:1 . . . . . 49
Raawwata yookaan guutuu (TELOS), I QOR. 2:6 . . . . . 51
Barabraa (*'Olam*), I Qor. 2:7 . . . . . 54
Ulfina, I Qor. 2:7 . . . . . 55
Maqaa Waaqayyummaaf kenname, I Qor. 2:8 . . . . . 56
Sadan Waaqa Tokkicha (TRINITY), I Qor. 2:10 . . . . . 59
Eenymmaa Hafuura Qulqulluu, I QOR. 2:10 . . . . . 60
Ibidda, I Qor. 3:13 . . . . . 70
Jechoota Giriikii qoruudhaafii hiika isaaniitiif, I Qor. 3:13 . . . . . 71
Fayyinaa fi fayyadama irra kan oole gochama Giriiki kan yeroowwanii , I Qor. 3:15 . . . . . 72
Qulqullu, I Qor. 3:17 . . . . . 74
Akkaata Phawloos jecha Kosmos jedhutti fayyadamuI Qor. 3:21B-22 . . . . . 76
Geggeesummaa tajaajiltummaa, I Qor. 4:1 . . . . . 78
Amantii, I Qor. . . . . . 78
Ergamuu (*ApostellŌ),* I Qor. 4:9 . . . . . 83
Mootummaa Waaqayyoo, I Qor. 4:20 . . . . . 87
Hafuura kakuu haaraati I Qor. 5:3 . . . . . 92
Of jajuu , I Qor. 5:6 . . . . . 94
Bukoo, I Qor. 5:6 . . . . . 95
Hamaa fi gaarii (kakuu haaraa), I QOR. 5:9 . . . . . 96

Ganuu, I Qor. 6:9 . . . . . 104
Dhaala amantoota, I Qor. 6:9 . . . . . 106
Qabiyyee barrefama Rom 14:1-15:13I Qor. 6:12 . . . . . 110
Yeroo kamitti deebii Yesus faallaa isaatiin sichii dha kan kakuu haaraa ayyoota I Qor. 6:14. . . . . 112
Dubartoota KAkuu Haaraa keessatti, I Qor. 7:5 . . . . . 120
Soomii, I Qor.7:5 . . . . . 123
Hammeenya isa Qaamaa, I QOR. 7:5 . . . . . 123
Phawuloos gorsa inni Garbootaaf kenne, I QOR. 7:21 . . . . . 132
Qabeenyaa, I Qor. 7:30 . . . . . 135
Dhagnaa fi hafuura, I QOR. 7:34 . . . . . 138
Ijaaruu, I Qor. 8:1 . . . . . 143
MONOTHEISM, (Waaqayyo tokkicha) I Qor. 8:4 . . . . . 144
Badiisa I Qor. 8:11 . . . . . 148
Chaappaa, I Qor. 9:2 . . . . . 152
Barnaabas, I Qor. 9:6 . . . . . 153
Ilaalcha Phaawloos seera Museetiif qabuI Qor. 9:9 . . . . . 155
Qeeqannoo Kan barreefama I Qor. 9:9 . . . . . 156
Sadarkaa badhaasaatii fi adaba, I Qor. 9:24 . . . . . 161
Galaana Diimaa, I Qor. 10:1 . . . . . 166
Seera tajaajila faasikaa jaarraa tokkoo Yihudummaan, I Qor. 10:14 . . . . . 172
Hafuurota Xuraa'oo/ Jjinnii, I Qor. 10:20 . . . . . 173
Mirigaa fi Christian Freedom versus Christian Responsibility, I Qor. 10:23 . . . . . 175
kiristaanooti tokkoo kan biraa irratti murteessuun irra jiraataa? I Qor. 10:29 . . . . . 177
Mataa (*Kephalē*), I Qor. 11:3 . . . . . 182
Dubartoota Macaafa Qulqulluu keessatti, I Qor. 11:4 . . . . . 184
Wayiini fi dhugaatii jabaa, I Qor. 11:21 . . . . . 193
Kakuu, I Qor. 11:25 . . . . . 196
Hafuura, Macaafa Qulqulluu keessatti I Qor. 12:1 . . . . . 201
Abaarsa (*Anathema*), I Qor. 12:3 . . . . . 204
Kiristaanummaan kan walitti qabamee dha, I Qor. 12:7 . . . . . 207
Raajii Kakuu Moofaa, I QOR. 12:10 . . . . . 208
Eenyummaa ofii qabaachuu Hafuura Qulqulluu, I Qor. 12:11 . . . . . 212
Gaarummaa (*HESED*), I QOR. 13:1 . . . . . 220
Raawwata yookaan guutummaa I QOR. 13:10 . . . . . 224
Abdii, I QOR. 13:13 . . . . . 225
Raajii Kakuu Haaraa, I Qor. 14:1 . . . . . 239
Amiin, I Qor. 14:16 . . . . . 235
Laphee/garaa, I Qor. 14:25 . . . . . 238
"Dubartootni cal akka jedhan" kan jedhuu wajjin yaad-rimee wal qabatan, I Qor. 14:34 . . . . . 241
Bitamuu (*HUPOTASSō*) I Qor. 14:34 . . . . . 242
*Kerygma* Barsiisa waa'ee amantii wldaa ishee jalqabaa, I Qor. 15:1 . . . . . 248
Dhaabbachuu (*HISTĒMI*), I Qor. 15:1. . . . . 249
Du'aa ka'uu, I QOR. 15:2 . . . . . 252
Du'aa ka'uu Yesus mul'achuu duraa, I QOR. 15:5 . . . . . 252
Lakkoofsa kudha lama, I Qor. 15:5 . . . . . 253
Yaqoob isa gar tokkoon obboleessa Yesus. 15:7 . . . . . 254
Angafa, I Qor. 15:20 . . . . . 257
Jechoota Kakuu Haaraa kan dhufaatii Kiristoos, I Qor. 15:23 . . . . . 258
*Archē,* I Qor. 15:24 . . . . . 260

Aboo, I Qor. 15:24 . . . . . . . . . . 260
Maleekaa barreefama Phaawulosi keessatti, I Qor. 15:24 . . . . . . . . . . 261
Nama gowwaadhaaf jecha ta'uu , I . 15:36 . . . . . . . . . . 265
Diiguu, balleessuu, dhabamsiisuu (*Phtheirō*), I Qor. 15:42 . . . . . . . . . . 266
Kaayyoo oolchuu Waaqayyoo "Dhoksaa" I Qor. 15:51 . . . . . . . . . . 268
Yesus yoroo ta'etti deebi'a kan jedhu faallaa isa isa ganaa dha jedhu wajjin . . . . . . . . . . 268
Israa'elootaan fayyadama irra kan oolaan gaafoota, I Qor. 15:52 . . . . . . . . . . 269
Kurnoo, I Qor. 16:2 . . . . . . . . . . 273
"Balbala" jechi jedhuu fayyadama Kakuu Haaraatti , I Qor. 16:9. . . . . . . . . . . 276
Cimaa I Qor. 16:13 . . . . . . . . . . 277
Maranata , I Qor. 16:22 . . . . . . . . . . 281
Soofitoota, SEENSA II QORONTOS . . . . . . . . . . 282
Ximootwoos, II Qor. 1:1 . . . . . . . . . . 289
Rakkina, II Qor. 1:4 . . . . . . . . . . 293
wabii, II Qor. 1:7 . . . . . . . . . . 294
waabdii, II Qor. 1:21 . . . . . . . . . . 301
Kan baay'atee (*perisseuō*) II Qor. 2:7 . . . . . . . . . . 307
Yaada hamaa (jalina), II QOR. 2:11 . . . . . . . . . . 309
Tiitoos, II Qor. 2:13 . . . . . . . . . . 310
Galata Phaawulos, kadhata, fi ol ol qabuu Waaqayyoof, II Qor. 2:14 . . . . . . . . . . 310
Iftoomina (*PARRHĒSIA*), II Qor. 3:12 . . . . . . . . . . 320
Ysusisii fi Hafuura, II Qor. 3:17 . . . . . . . . . . 322
Hara'umsa, II Qor. 4:16 . . . . . . . . . . 333
Warri du'an eessa jiru?, II Qor. 5:6 . . . . . . . . . . 338
*Ktisis*, II Qor. 5:17 . . . . . . . . . . 344
Yaada garaa geeddaachuu II Qor. 7:8-11 . . . . . . . . . . 361
Kurnoo, II Qor. 8:8 . . . . . . . . . . 368
Dursanii filamuu/murteeffamu irratti yaada jiru II Qor. 8:16-17 . . . . . . . . . . 371
Kennaa horii rakkattoottaaf, II Qor. 9:9 . . . . . . . . . . 380
Barabaraa (*'Olam*), II Qor. 9:9 . . . . . . . . . . 382
Balleessaa hojjettan himachu, II Qor. 9:13. . . . . . . . . . . 385
Bitamuu, II Qor. 9:13 . . . . . . . . . . 386
Samii, II Qor. 12:2 . . . . . . . . . . 407
Seexana, II Qor. 12:7 . . . . . . . . . . 409
Dadhabbii, II Qor. 12:9 . . . . . . . . . . 411
"Dhugaa" Barreeffama Phawloos keessatti, II Qor. 13:8 . . . . . . . . . . 422

# ERGAA BARREESSAA:
# IBSIISTUUN KUN AKKAMITTI SI GARGAARA?

Hiikkaan kitaaba Qululluu walabaafi adeemsa afuuraan kan gargaaramee, yaada barreessitoota durii hubachuunergaan Waaqayyoo akka hardhas hubatamee hojiirra oolu kan xiyyeeffatamedha.
Adeemsi afuuraa baayyee murteessaa garuuu moo ibsuufis rakkisaadha. Waaqayyootti of gadhiisuufi banaa ta'u gaafata. Dheebotuu (1) Isaaf, (2) Isa beekuuf, fi (3) Isa tajaajiluuf jiraachu qabu. Adeemsi fedha godhachuu gaafata. Hiikkaa keessatti hojiin afuuraa, guddinaa, kiristaanonni jaboo akka Birootti waan hubataniif murteessaadha.
Adeemsa walabaa ibsuun salphaadha. Fedha dhuunfaa keenyaa ykn amantii keenyaa jala hingaliin qabiyyee wajjiin ifaafi madaalawaa ta'uun dirqama. Nuyi cufti keenya seenaadhaan haalaan qabamneerra. Eenyuyyu namni hiikaa qajeelaafi walabaa ta'ee hin jiru. Ibsituun kunis rakkina ilaalcha keenya hiikkaa iratti nu rakkisu hambisuu qajeelcha hiikkaa sadii dhiyeessitee jirti.

**Qajeelcha duraa**

Qajeelchi duraa seenaa yoomessa kitaabni qulqullu itti barreeffame qabachuufi haala seenaa barreessichaati. Barreessaan ka'umsaa kaayyoofi ergaa dabarfatu ni qaba. Qabiyyeen barreeffamichaa nuyiifi homaa jechuu miti akkuma barreessicha kaka'umsa argatee isa durii, duraa sani. Fedhiin isaa seenaa, miirama, aadaa ufiifi bu'uura keenya miti furtuudha. Hojmaanni cinaacha hiikkaa adda itti hin baanedha, garuuu hiikkaan sirrii hojmaata dursuu qaba. Qabiyyeen kitaaba Qulqulluu hiikkaa tokkoofi tokko qofa qabaachunsaa dirqama. Hiikkaan kuni fedha barreessaa kitaaba Qulqullu jalqabaa hoggansa afuuraan ergaa inni warra hardhaaf dabarsuu barbaadedha. Hiikkaan tokkitiin kun garuuu hojumaata hedduu haalaafi aadaa adda addaa keessatti qabaachuu ni danda'a. hojumaanni kun dhugaa giddu gala kan barreessaa duraa wajjiin wal dhuguu qaba. Kanaafu, ibsituun qajeelchaa qo'annoo kun kitaabooa kitaaba Qulqulluu tokkoo tokkoof seensa akka ta'uuf qophaa'e.

**Qajeelcha lammeesso**

A. Barruu Giriik Yunaayiti Baayibil Soosaayiti maxxansa afuraffaa (YBS4). Barruun kun hayyoota bammayyaan kan buufaamedha.

B. Hiikkaan Niiw Kiingi Jamsi Vershin (KJHH) aadaa Giriikoota Teekistuu Reseptas jedhamee beekkamuun hiikkaa jechaa jechatti hiikkamedha. Dheerinni buufatasaa hundarra ni caala. Kun ammoo bartoonni qabiyyee gumoofte akka hubatan isaan gargaara.

C. Hiikkaan Niiw Rivaayizdi Isaandard Vershin (NRSV) hiikkaa hammayyaa jechaa jechatti godhamedha. Hiikkoota hammayyaa lameen giddutti wiirtummaa kan uumedha. Hiramsi buufatasaa ijoo baafachuuf baayye gargaaradha.

D. Hiikkaa Tuudeyis Ingilish Vershin (HIH) isa maxxansa Yuunaayitid Baayibil Soosaayiti maxxanseen kan gituu maxxansa addaati. Akkaataan hiikkaa 'saas akkaataa iti dubbistoonniifi dubbattonni afaan Ingilizii bara kanaa itti afaan Giriiki hubachuu danda'aniin kan qophaa'edha. Irra guddessa, keessattu Wangeela, buufaa akkaataa dhimmicharra akkaatta isa dubbateen kan hiredha, akkuma NIV. Akkaataa hiiktootaaf hin fayyadu. YBS4 fi HIH lameenu buufataan gargar haa ta'an malee maxxansaansaanii qaama tokko ta'uu hubatamu qaba.

E. Hiikkaan Jerusaalem Baayibil (JB) hiikkaa gita kaatolika Faransaayi kan ta'e hiikka adaati. Kallattii buufata Awurooppaanotaan madaaluuf baayyee gargaaraadha.

F. Caafanni kun hiikkaa Niiw Amerikaan Sitaandard Bayibil ((NASB) harawaa 1995ti, hiikaa jechaa-jechatti. Qeeqni lakkoofsa-lakkofsattis buufatatti hordofee jira.

**Qajeelcha Sadeesso**

Qajeelchi sadeessoo hiikkaa kitaaba qulqulluu adda dubbisudha. Kunis hiikkaa balloo jechoonniifi jechamni kitaabichi qabaachuu danda'u ittiin argachuudha. Yeroo hedduu jechii ykn jechamni Giriiki karaa hedduun ni hubaama. Hiikkaan gargaarii kunis carraa kanaafi barruu Giriiki adda baasuufi ibsuuf gargaare jira. Kun doktiriinii hin miidhu, garuuu duubatti deebinee yaada bareessitoota jalqabaa cufame akka argamu ni gargaara.

Ibsituun kun barataan akka dafee hiikka ofii ilaalu gargaara. Kunimmoo hiikko ta'u miti, garuuu caalatti odeeffanno kennuufi yaada kakaasudha. Hiikkonni Biroo ammoo **ofitoo**, **dogma'uu** fi **bu'uuroo** akka hin taanes ni gargaara. Hiiktonni barruun durii hangam takka rakkisoo ta'uu akka hubataniif carraa bal'oo hiikko isaan barbaachisa. Kiristaanoa kitaaba Qulqulluu madda dhugaasaanii godhaan giduu waliigaleen jiru xiqqaachuun rifachiisadha.

Qajeelfamni kun haal seenaa kiyya irra aanee barruu durduriin akkan qasaa'u na dirquun na gargaaree jira. Abdiin kiyyas isinifiis eebba akka ta'udha.

Bob Utley
East Texas Baptist University
June 27, 1996

# Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu
# Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa

Dhugaa beekuu ni dandeenyaa? Eessatti argamaa? Loojikiin mirkaneessuu ni dandeenyaa? Gonkumaa addunyaa keenya ykn jireenya keenya qajeelchuu kan danda'an ni jiranii? Jireenyaaf hiikkaan ni jiaataa? Maaliif as jiraa? Eessawoo dhaqnaa? Gaaffiileen kunneen – gaaffii ummanni walaaa gaafatu – gaafa jalqabaa (Lal. 1:13-18, 3:9-11) irraa eegalee sammuu ilma namaa hatee jira. Nin yaadadha jireenya kiyyaaf bikka birmadoo yeroon barbaadaa ture. Dhugaa bahinsa namootaa maatii keenyaaf ta'erratti hundaa'uun kanniin gara kiristoositti goree amane dargaggummaa kiyyatti haguman gaheessa ta'aa deeme, gaaffiin ofiifi addunyaa kanaaf qabu daranu guddataa deeme. Yaadni xixiqqaan aadaafi amantii muuxannoo keessa darbee ykn dubbiseef hiikkoo ta'uu hin dandeenye. Yeroo jeequmsaa, barbaada, imalaafi fuula addunyaa jabduufi miirdhabduun keessa tureetti abdii dhabummaa turte.

Baayyinni gaaffilee kanaaf debii argachu yaalan, garuuu qorannoofi mariin booda deebiin isaanii (1) falaasama matayyaa (2) sheekko durdurii (3) muuxannoo dhuunfaa ykn (4) calaqisa xinsammuu akka ta'e arge. Sabaa jireenya koo, ido birmadoo koo, bu'uura kallati addunyaa irra kaayyadhuu mirkansa, ragaaafi ilaalcha walabaa argachuu na barbaachisa.

Kana qo'anno kitaaba Qulqulluu keessatti argadha. Achumaan ragaa amanamoomaa barbaadu iti fufeen (1) seenaa qabatamaa kitaaba Qulqulluu, arkiyoolojiin mirkanaa'ee, (2) dhugoomsa raajoota kakuu Moofaa. (3) tokkummaa ergaa kitaaba Qulqulluu baroota dhiba kudha jaha keessaafi (4) dhugaa bahinsa namoota jireenyi isaanii walitti dhufeenya kitaaba Qulqulluun jijjiiramee argu danda'e. kiristaanummaan, akka gamtaa amantiifi amantaati, gaaffii walxaxaa jireenyaa wajjin hojjechuuf ni danda'a. Kun ammoo caasaa hojii walabaa qofa miti, amantiin kitaaba qulquluu ibsamuu danda'u gammachuufi tasgabii naa fida.

Iddoo walaba jireenya koo – kiristoos, akkan kitaabicha keessatti hubadhetti, ta'uu argachuu koon beeke. Sun ammoo muuxannoo buhaara, miirama keessaati. Haa ta'uuti, ammallee waraansaafi hollachiisa hiikkaa kitaaba kanaa irratti yeroo ani eegale, yeroo tokko moo waldaafi mana barumsa tokko keessati yaada gargaaraa kaasee ture ni yaadadha. Ammanamummaafi kaka'insa kitaaba Quqlulluu dhugaa cimsuun isa xumuraa odoo hin taaanee isa jalqabaati. Akkam godheen hiikkaa gargaraafi walfaalleessaa kitaaba dhugoomsu ykn gatuu ni danda'aa?

Hojmaanni kun galmaafi imala amantii jireenya koo naa ta'e. ni beeka kiristootsitti amanuun koo (1) gammachuufi nagaa guddaa naaf kenne. Sammuun koo aadaa koo (dub-hamayoma) keessa gonkoomaaf fagaataa tueera. (2) doogmaatummaa waldhibdee amantoota (amantii addunyaa) fi (3) bu'uroma safu dhabeenya na agarsiiseera. Hikkaa hog-barruu durdurii ayitan barbaadutti, seenaa, aadaa, bu'uuromaafi gardhabummaa koo calaqisu arguu kootti ajaa'ibame. Ira deddebi'ee kaniin kitaaba Qulqulluu dubbisu ilaalcha koo utubuufidha. Hanqina koofi dhoksaa koo haguuguuf akka madda dogma godheen ittiin ormaan morma. Kana beekuun hangam dhukkuba koo turedha!

Akkasumas guutummaati mormata ta'u hin danda'au, nama kitaaba Qulqulluu dubbifatu fooyya'a ta'u ni danda'a. gara dhabummaa koo adda baasuufi jiraachusaa beekuun daangeessuu ni danda'a. ani ammallee kana jalaa hin birmadoomne, garuuu dadhabinsa koon mormachaan jira. Hiikkaan diina dubisaa kibaata Quqlulluu isa badaadha!

Mee dur tilmaama ani qo'annoo kitaaba Quqlulluu koo keessatti fideen tarreessa, isin dubbistoonnis, ana ajjin ta'uudhaan ni sakkataatu.

## I. Durtilmaama

A. Kitaabni Quqlulluu dhugaa Waaqayyoo tokkicha inni ittiin of muldhise isa muummee ta'uu nan amana. Kanaafuu, ifa fedhii barreessicha uumaa (afuuraa) karaa namootaa yoomessa seenaa addaa keessaan calaqiseen hiikkamu qaba.

B. Nin amana kitaabni Quqlulluu namoota gitaa – hundaaf barreeffame. Waaqayyoo nutti dubbachuufi haala seenaafi aadaa keessatti of qabuu jaalate. Waaqayyo dhugaa hin dhoksu – akka hubannu barbaada! Kanaafuu, akka keenya odoo hin ta'iin ifasaan akka hiikkamu barbaada. Kitaabni Qulqulluu waan warri dura dhagahanii ykn dubbisan hin ta'iin nuyiif hin ta'u. sammuu namoota giddu galaan hubatamuu kan dadna'uufi bifaafi teekinika waliigaltee laafaa namootaatti kan fayyadamedha.

C. Kitaabni Quqlulluu yaadaafi ergaa gumaa’ee akka qabu nan amana. Kanaafuu, hiikkoon kitaaba Qulqulluu inni hundaan olii kitaaba Qulqulluu mataa isaati.

D. Dubbiffanni kitaaba Quqlulluu (raajooa irraa kan hafee) hundi fedhaafi kaka’umsa barreessicha duraa irratti hundaa’ee ergaa tokkoofi tokko qofa akka qabu nan amana. Hangamu mirkantuu dhumaa ta’uudha baannullee qabxiileen heddu agarsiisan waan jiraniif fedha barreessicha duraa ni beekna.

1. Bifa hogbarruu ittiin ergaa dabarsuuf filatamee
2. Yoomessa fi/ykn haalyeroo barreeffamicha dhangalaase
3. Qabiyyee kitaabilee keessaafi gamtooma hogbarricha
4. Gamtooma qabiyye hogbarichaa gara ergaa guuammati
5. Haala giraamara ergicha dabarsuuf faayidaarra oolee
6. Ergicha dabarsuuf jechoota filatame
7. Dubbifata walinfaallessine ta’uusaati.

Namoonni qo’annoo kanaas kaayyoo qo’annoo bareeffama kanaa nuuf ta’e. Odoon mala dubifata kitaaba Qulqulluu gaarii kiyya hin eriin dura mala hin mallee bara kana keessa namoonni itti fayyadamanii garagaraafi dhabamuu qabuun waa jedhe.

**II. Mala hin mallee**

A. Qabiyye hogbarru kitaabbilee kitaaba Qulqulluu tuffachuufi jecha, jechamaafi tokkoon tokkoo himaa akka dhugaa guufuutti sanuu akka fedha barreessichaafi ergaa waliigalaan waliin simnetti fayyadamuu.

B. Seenaa yoomessa kitaabichaa cinatti dhiisuun durtilmaama seenaa yoomessaan bakka buusuun sanu isa faayidaa xiqqo ykn homaawu hin qabnetti fayyadamu.

C. Seenaa yoomessa kitaabichaa dhiisuuniifi akka gaazexaa magaalaa namoota kiristaana hammayyaa ganama ganama bitamee dubbifamuuti dubbisuuf.


D. Fedha barreessicha ykn dhaggeeffattoota duraati hin simneen ergicha akka ergaa falaasamaa/tiyooloojiitti fudhachuun seenaa yoomessicha tuffachuu.

E. Ergaafi yaada barreessicha jalqabaatti kan hin simne dhimma baraa, doktiriina ykn mala tiyoolojii mataa ofii bikka huusuun ergaa duraa tuffachu. Adeemsi kun dubisa kitaaba Qulqulluu duraa akka aboo abba dubbiitti lafa kaa’a. Kun ammoo nuyiif akka “deebii dubistootaa” ilaalama. (qabiyee jechun anaaf maalajechuudhaa” hiikkaa)

Waliigaltee namootaa hunda keessatti ijoowwan sadii walsimatan ni muldhatu.




Bara durii, teekinikoonni dubisaa ijoo sadan keessaa isa tokkootti hirkatu turani. Garuuu dhugumatti fedha addaa kitaaba Qulqulluu mirkaneessuuf, gabateen haaromfame baayyee gaariidha.



Isa dhugaatti ijoowwan sadanuu adeemsa hiikkaa keessatti dabalamuu qabu. Ifa gochuufis, hiikkaan koo lameen duraa irratti xiyyeeffate: barreeffama ka'umsaafi qabiyyee. Feetuu badiin argarrattin dubbadha. (1) ciiguu ykn afuuressuu qabiyyichaafi (2) "deebii dubbisaa" hiikkaa (anaaf maal jechudha) badiin sadarkaa hundatti muldhachu ni danda'a. Yeroo mara miira, garadhabummaa, teekinikaafi hojmaata keenya sakatta'uu nu barbaachisa. Garuuu yoo waagaan, daangaafi xumurri hin jirree akkamiin sakatta'uun nuu danda'amaa? Iddoon kun iddooti fedha barreessaafi caasafamni qabiyyee iti waagaalee gam tokko ittiin daangaa hiikkoodha akkan lafa kaayadhu na gargaaredha.

Ifa teekinika dubbisa hin malle kanaan, firoomsaafi ibsii hiikkoofi dubbisa kitaaba qululluu gaariitti dhiyaachu danda'amu maalfa'ii?

**III. Itti dhiyeenya dubbisa kitaaba Qulqulluu gaarii**

Sadarkaa kanatti ani bifa teekinikaa hiikkoo addaa mariisisuutti hin jiru, qajeelcha qabiyyee kitaaba Qulqulluu waliigalaa malee. Itti dhiyeenya bifa addaa kitaaba gaariidha. Kitaaba "*How to Read The Bible For All Its Worth*" jechuun Gordon Fii fi Doglaas Sitaartiin barreeffamee Zondarvaaniin maxxanfamedha.
Jalqaba irratti toftaan koo kaniinni xiyyeeffatu dubbistoota marsaa dubbisaa afran keessaan afurrii Quqlulluu, kitaaba Qulqulluu akka isaanii ibsu ofirratti hayyamanidha. Kunimmoo afuuricha, dubbisaafi isa dubbifatu dursaa malee lammeessoo hin taasisu. Kunis darbee isa dubbifatu sana akkanni hacuuccaa ibsitootaa jalatti in kufne tiksa. "Kitaabni Quqlulluu xiyyaa ifaa hedduu ibsitootarratti ni darbataa "jecha jedhu nin dhagaha. Kun garuuu qeeqa gargaasa qo'annoo irrattif godhamu gatii dhabsiisu miti, garuuu yeroo sirrii itti fayyadamasaanii gaafata malee.

Hiikkaa keenya ragaaalee barreeffamicha keessaan deeggaruuu qabna. Naannooleen shaman ibsa gabaabo kennu

1. Barreesaan ka'umsaa
   a. Seenaa yoomessaa
   b. Qabiyyee hogbara
2. Filannoo barreessaa ka'umsaa
   a. Caasaa giraamaraa (syntax)
   b. Ittifayyadama hojii baraa
   c. Bifa
3. Hubannoo keenya sirrii
   a. Dubbisa qixaa fudhatamaa

Sababaa fi deemsa haasawaa hiikkoo keenya duubaan jiru dhiyeessu danda'uu qabna. Kitaabni Quqlulluu muuxannoo fi madda amantii keenyaati. Wanti gaddisiisaa, waan inni barsiisuufi mirakaneessu irratti kiristaanonni irra deddeebi'anii waliigaluu dhabuusaaniiti. Kaka'umsa kitaaba Qulqulluu komachuuniifi warra waan inni gaafatuufi barsiisu irratti waliigaluu hin dandeenye amantoota haarawaaf mohinsa.

Marsaan afran dubbisaa ilaa hiikkoo armaan gadii agarsiisuuf wixnaa'ani.

**A. Marsaa dubbisaa duraa**

1. Takka gadi ta'aa kitaabicha dubbisaa. Hiikka Biroon ammoo irra deebi'aa, yaada hiikkaa Birooon
   a. Jechaa – jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
   b. Gitaan addaan (HIH, JB)
   c. Paraaphireezii (kitaaba jiraataa, kitaaba dagaagaa)

2. Yaada wiirtuu bareeffamaa ilaala. Qabiyyee adda baafadha.

3. Qabiyyee ykn yaada wiirtuu kana sirriitti ibsu jecha, jechama, himaafi boqonnaa (yoo danda'ame) adda baasaa.

4. Bifa hogbarruu ulfaatoo adda baasaa
   a. Kakuu Moofaa
      (1) Barreeffama Ibrootaa
      (2) Walaloo Ibrootaa (hogbarru safii, farfannaa)
      (3) Raajii Ibrootaa (haasa'a, walaloo)
      (4) Seera tuma

**B. Kakuu dubbisa lammeesso**

1. Keessa deebi'aa kitaabicha dubisaa, mata duree ykn qabxii adda baasuuf ilaalatuma.
2. Hima salphaa ta'een qabiyyee maa duree ibsaa bareessuuf yaalaa.
3. Gargaarsa qo'annootti fayyadamaati yaada dubbicha sakatta'aa babal'isaa tarreessaa

**C. Marsaa dubbisaa sadeessoo**

1. Ammas deebisaa dubbisaa, kitaabuma Qulqulluu keessaa haala seenaa yoomessaa barreessa adda baasuu akka isin dandeechisuuf.
2. Qabxiiwwan seenaa kitaaba Qulqulluu keessatti tuqaman tareessaa.
   a. Barreessaa
   b. Guyyaa
   c. Argataa
   d. Sababa addaa barreessicha
   e. Haala yoomessa aadaa yaada barreeffamichatti firoomu
   f. Ragaaaleefi namooa seenaafi tuqachiisa.
3. Kartuu keessan gara kutaa kitaaba Qulqulluu hiikkaa jirtaniifi buufaticha babal'isuu. Yeroo mara boqonnaa barruu jala murani adda baasuudha. Kun buufaafi boqonnaa heddumeessu ni danda'a. kun fedha barreessicha ka'umsaafi deemsa loojiki akka hordofamu ni gargaara.
4. Gargaartu qo'annootti fayyadamuun seenaa yoomessaa sakatta'uu

**D. Marsaa dubbisaa afreessoo**

1. Boqnnaa barruudha hiikkaa gargaaraa irraa deddebi'anii dubbisuu
   a. Jecha-jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
   b. Gita addaan (HIH, JB)
   c. Paaraaphireesii ( kitaaba jiraataa, kitaaba dagaaga)
2. Caasaa giraamaraa ykn barruu ilaali.
   a. Jechama irra deddebi'o, Ef. 1:6, 12,13
   b. Caasaa giraamara irra deddebi'oo, Rom. 8:31
   c. Qabiyye mormisiisaa
3. Qabxiilee armaan gadii tarreessu
   a. jechoota barbaachisoo
   b. Jechoota hin baramne
   c. Caasaa giraamara barbaachisaa
   d. Jechoota, jechamaafi himoota rakkisoo
4. Dubbifata qixaan firoomu ilaaluu
   a. Ittifayyadama dhima kee irratti dubbisa barsiisa kee qulqulluu ilaaladhu.
      1. Kitaaba malmaltu tiyoolojii
      2. Tuqachiisa kitaaba Qulqulluu
      3. Tartiiba jechoota
   b. Dhimma kee keessati warra warra wal hinfakkaane fakkaatan ilaali. Dhugaan kitaaba Quqlullu hedduun cimsii wala'insaan jiran, mormiin bu'oroma heddu kan dhalatan muddama dhugomsabarruu kitaabicha irra kan ka'e ture. Guutuun kitaaba Qulqulluu afuuraan kaa'ame, kanaafu hiikkaa madaalawaa barruu argachuuf ergaa guutammaa soquu qabna.
   c. Kitaabuma tokko keessatti walmaddii barreessaa, ykn bifaa, ilaali, sababnisaa kitaaba Qulqulluuf barreessaan isaa tokkichuma, afuura Qulquluu.
5. Haalaafi yoomessa seenaa argite sakatta'uuf gargaartuu qo'annooti fayyadami.
   a. Qoa'nnoo kitaaba Quqlulluu
   b. Guuboo jechootaa, kitaaba qajeelchaafi Insaayikilopidiyaa kitaaba Quqlulluu
   c. Seensa kitaaba Qulqulluu
   d. Ibsituu kitaaba Qulqulluu (qo'annoo kee sadarkaa kanaa irratti akka qo'annoo kee siif sirreessaniif hawaasa amantootaaf carraa godhi).

**IV. Hojmaata hiikkoo kitaaba Qulqulluu**

Sadarkaa kanatti gara hojmaataatti deebina. Barru yoomeessa ka'umsaan hubachuuf yeroo fudhateerta, amma aadaafi jireenya kee keessatti dhugomsuu qabda. Ani aboo kitaaba Qulqulluu akka "hubannoo ergaa barreessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa bara sanaafi hojmaata dhugaasaa bara kanaa" ti hiikeera.

Hojmaanni hiikkootti fedha barreessa ka'umsaa yeroofi loojikiitti aanee dhufuu qaba. Hanga gaafa bara isaati inni jedhu beeknutti dubbisa kitaaba Qulqulluu hojiirra oolchuuf hin dandeenyu! Dubbisni kitaaba Qulqulluu waan hin jedhamne jechuu miti.

Baafanni, sadarkaa buufataatti (marsaa dubisaa # 3) gadi bu'ee jiru qajeelcha keeti. Hojmaanni sadarkaa buufataatti, malee sadarkaa jechaatti tolfamu hin qabu. Hiikkaan jechootaa sadarkaa barruutti, hikkaan jechamaa sadarkaa barruutti, hiikkaan himaa sadarkaa barruutti ta'u qaba. Hiikkaa keessati hiikkaan afuuraa barreessa ka'umsaa qofadha. Ibsa afuura qulqulluun hoggansa isaa horfofna. Ibsaan garuuu afuuruu jechuu miti. Waa jechuudhaaf "Gooftaan isinitti hima" jedhe fedha barreessaa ka'umsaaf abbomamuu qabna. Hojmaanni fedha barreeffama waliigalaa, boqonnaa barruu addaafi dagaaga buufatatti firoomuu qabu.

Dhimmoonni bara keenyaa akka dubbatan odoo hin taane, akka kitaabicha keessaa akka baafannu nu godha. Yoo barruun qajeelfama kana ni deggera ta'e fudhatama argata. Yeroo hedduu qajeelfamni keenya matumasaa qajeelfama "keenya" – malee qajeelfama barruu miti.

Kitaaba Qulqulluu hojmaatessuurratti raajootaan alatti) barrichaaf hiikkaan tokkoofi tokko qofti akka sirrii ta'e beekuun barbaachisaadha. Hiikkaan isaas fedha barreessaa ka'umsaa gaafa saniitti firmudha. Hiikkaa Tokkotti kana irraa hojmaanni hedduu bahuu ni danda'a. Hojmaatichi fedhii argataa irratti bu'uraa, garuuu fedha barreessaa ka'umsaati firommuu qaba.

**V. Kallatti hiikkaa afuuraa**

Hanga ammaa adeemsa loojikaafi barreeffamaa hojmaataafi hiikkaa ibsaa tureera. Amma ammoo kallattii hiikkaa afuuraa ibsuu yaala. Tartibni sakatta'a armaan gadii anaaf gargaarsa ni qaba.

A. Kadhaa gargaarsa Afuura Qulqulluu (1 Qor 1:26-2:16)
B. Kadhata dhiifamaafi dhiqama cubbuu beekkamaa dhuunfaaf godhamu (1 Yoh. 1:9)
C. Kadhata fedha guddaa Waaqayyoon beekuuf godhamu (Far. 19:7-14, 42:1ffa; 119:1ff)
D. Ilaa toltuu jireenya keetti dabalii
E. Gadjechuufi barsiisu danda'urra turi.

Hoggansa Afuuraa Afuura Quqlulluufi deemsaa loojikaa madaallii jiru eeguun guddaa rakkisaadha. Kana lameen walmadaalchisuuf waraabi kun na gargaare.

A. Scripture Tmisting, James W. Sirerra ful 17-18 "Itti gara sammuu namoota Waaqayyootti dhufe – gara warra Afuuraa muraasa miti. Kiristaanumma kitaaba Qulqulluu keessatti gartuun beekkamo, ibsituuniifi ummanni hikkaan qixaa keessa dhufe jedhaman hin jiran. Afuurri Qulqulluu kennaa addaa ogummaa, beekumsaafi hubannoo kennullee garuuu inni abbootii hiikkoo sagaleesaa kiristaanoota ol bahan hin ramadne. Barachuun, murteessuuniifi hubachuu hanga saba isaati, kitaaba Qululluuti hirkachuun, warra Waaqayo dandeetti addaa  isaanii kennellee ta'an. Waliti qabuudhaaf tilmaamni ani kitaabicha irrati godhadhe kitaabni Qulqulluu dhugaa Waaqayyoo namootatti muldhisedha, aboo nuyi waan inni dubbatu hundarratti qabnudha, sunis ajaa'iba gararraa odoo hin taanee waan namoota aadaa gargaraan hubatamu danda'udha.

B. Kitaaba "kiyeerkigaard protestant biblical interpretation" ful. 75 jedhu keessatti. Akka kiyeerkigaardifi qo'annoon giraamaaraa laaksilaalaafi seenaa kitaaba Qulqulluu barbaachisaadha, garuuu dubisa dhugaa kitaabaa dursuu qaa. "Akka sagalee Waaqayyooti kitaaba Qulqulluu dubbisuuf namni tokko afaaniifi lapheesaatiin, qeensa qubaan, eegumsa dammaqinaan, haasa'a Waaqayyoo keessatti dubbisuu qaba. Kitaaba Qulqulluu akka qalbi dabinsaati, ofumaan ykn yaroominaan, ykn ogummaan dubbisuun akka dubbisa sagalee Waaqayyoo hin ta'u. Akkuma namni xalayaa jaalalaa dubbisutti sagaleen Waaqayyoos dubbifamuu qaba.

C. Kitaaba H.H Rowleey, The Relvance of Bible ful. 19 jedhu keessati moo "Hubannoon beekumsaa hayyoomaa kitaaba Qulqulluu hangamu guutuu, hunda qabatee hin jiru. Hubanno guutuuf barbaachisaa waan ta'eef hubannoo akkanaa gad buusuuf miti. Yoo guutummaa kitaabichaaf kan ta'u ta'e garuuu gara hubannoo afuuraa qabeenya afuuraatti qajeelchuu qaa. Akkuma kana hubannoo afuuraa dammaqina hayyomaa daran caaluu barbaachisa. Wantoonni afuuraa afuuraan murtaahu, kanaaf bartoonni kitaaba Qulqulluu amala argataa afuuraa, akka isaanitti of ibsuuf fedha Waaqayyoo, qabaachu qabu akkaqo'annoo saayinsiin duuba darbani gara dhaala duuroma qabeenya kitaaboota isaa gurguddooti darbuudhaaf.

**VI. Mala ibsiituu kanaa**

Ibsituun qo'annoo kanaa kan qophaa'e deemsa hiikkaa kee bifa armaan gadii akka ta'uufidha.

A. Seenaan ifaa kartuu kitaabbilee ni agarsiisa. "Marsaa dubbisaa # 3" eegi tolfateen booda odeeffanno kana sakatta'i.

B. Ilaan barruu jalqaba boqonnaa hundaratti ni argama. Kunimmoo caasaa boqonnaa barruu akka ilaaltusi gargaara.

C. Jalqaba boqonnaa ykn barruufi hirtaan buufataafi kaptioniin ibsaaf tolu hiikkaa hammayyaa adda adda irraa kenname jira.
   1. Barruu Giriik, Yunaayitid Baayibil Soosaayitii maxx4 (YBS)
   2. Niiw Ameerikaan Sitaandaard Baayibil, 1995 fooyya'e (NASB)
   3. Niiw Kiingi Jemsi Vershini (KJHH)
   4. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershiin (NRSV)
   5. Tuudeyis Ingilish Versiini (HIH)
   6. Jeruusaalem Baayibil (JB)

Hiramsi buufata kaka'umsaan miti. Barruurraa mirkanaa'e. Hiikkaa hammayyaa adda addaa kallattii tiyooriifi tiyoolojii adda addaan walbira qabuun ilaalcha barreessaa ka'umsa tilmaame xiinxaluu ni dandeenya. Buufanni tokkoon tokko dhugaa jabaa tokko ni qaba. Kunis "hima, matoomaa" ykn "yaada wiirtuu barruu" jedhama. Ilaalchi gamtooma kun furtuu hiikkaa giraamaraafi seenaa qixaati. Namni tokko waan buufataan gadiin, hiikuu, lallabuu ykn barsiisuu hin danda'au. Buufanni kamuu akka firooma buufatoota olla jiraniin qabu dagatamuu hin qabu. Kanaafi barbaachisummaan kartuu kitaabichaa sadarkaa buufataa barbaachiseef. Nuyi yaa'aa loojika dhimmicha barreessaa ka'umsaa duraan gahuuf danda'u qabna.

D. Hikkaan yaadannoon Bob lakkoofsa – lakkoofsatti. Kun ammoo ilaalcha barreessaa ka'umsaa akka hordofnu nu dirqa. Yaadannichi odeeffannoo gama hedduu kenna.
   1. Qabiyyee barruudhaa
   2. Ilaa aadaafi seenaa
   3. Odeeffannoo giraamaraa
   4. Qo'annoo jechootaa
   5. Dubbisa walmaddi fayyadan

E. Ibsituu keessatti sadarkaa ta'etti, maxxansi Niiw Ameerikaan Sitaandaard Kershini (haarofni 1995) hiikkaa hammayyaa hedduun deeggeramee jira.
   1. Niiw Kingi Jemsi Vershini (KJHH) barruu "Tekistus Resiptas" jedhu duuka bu'eeti.
   2. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershini (NRSV) isa jecha – jechatti kaawunsila waldaale biyyaalessa irraa gargale.
   3. Tuudeyis Ingilsh Vershin (HIH) isa Ameerikaa Baayibil sosaayiti irraa gitaan gargale.
   4. Jeruusaaleem Baayibil (JB) isa hiikkaa Kaatolika Faransaayii irratti bu'uuraa'ee Ingiliffaatti hiikkame.

F. Warreen afaan Giriik dubbisuu hin dandeenyeef rakkoo barruu irratti isa mudatu madaalee adda aasuuf afaan Ingiliffaan fayydamuun isa tola.
   1. Garaa garuummaa barruuwwanii
   2. Hiikkaa jechootaa filatamoo
   3. Caasaafi barruu giraamara rakkisoo
   4. Barruu jeeqamoo

Yaata'uti hiikkaan Ingiliffaa rakkoo kana hin furiin malee, akka iddoo gadi fagoofi qo'annooti xiyyeeffatu.

G. Xumura boqonnaa hundaa irratti gaaffileen marii kaasan barbaachisoo ta'an kaa'amanii jiran. Isaaniis yaada hiikkaa muumme ta'an irrati xiyyeeffataniiti.

# Seensa Qorontos isa 1

(Gorsa waldaa ishee jeeqamtee)

## I. ADDA KAN TA'EE QORONTOS ISA DURAA

A. Inni yeroo hundaa duraan dursee abbooti amanti waldaa Kristaana in tuqamu turan. Ergaa Phaawulos kan biroo caalaa kun kan argisiisu barbaachisummaa isaatii fi faayida isaati.

B. Hambaan Muratooriyaan innis barreeffama macaafa Qulqullluu kan qabuu fi Roomi irraa kan ka'ee (bara haraaraa 200) inni tarreeffama isaatiin kan taa'ee ergaa Phaawulos isa jalqabaati. Kunnis faayidaa isaa argisiisa.

C. Phaawulos gocha erga kanaan garagarummaa godheera kunnis yaada dhuunfaa isaatii fi ajaja gooftaa giddudha ta'us, kun kan irratti hundaa'e hubannoo barumsa Yesus irratti jiru dhima mata duree kamiin iyyuu irratti yoo kan danda'amu ta'ee jecha Yesusu irratti kan hundaa'e ture inni akka amanutti ilaalchi isaa immoo taayita yaada gadi fagoo qabudha (725, 45).

D. Phaawulos waldaa Kristaanaatiif qajeelfamni inni qabu birmadummaa amantoota dhuunfa yeroo ta'u ha ta'u malee kan isaani kan waliini itti gaafatamummaa sirateedha, kunnis seera irratti kan hundeefamee utuuhin ta'in jaalala irratti. Kan waldoota Kiristaana walii galaa guddinnaa fi fayinna mirga dhuunfaa kami iyyuu yookaan faayida in caala (12:7).

E. Ergaan kun (lamma Qorontosi wajjiin wal qabatee) waa'ee waldaa kristaanaa Kakuu Haaraa ilaalcha durii nuuf laate. Waa'ee hundeefama ishee, tooftaa ishee fi ergaa. Ta'us dirqamatti yaadatamuu kan qabu waldaan kristaanaa kun rakkoo kan qabdu ta'uu isheeti. Walga'iin amantootan kan barratamee kan in taane.

## II. MAGAALAA QORONTOS

A. Kan yeroo gannaa karaa dooniin irra darbuu kan Girikii golee kibbaa (jechuun, Kp Maaliyaa) baay'ee rakkisaa ture. Waan ta'eef karaa gabaaba sarara lafa irraa argachuun murteessaa ture. Teessumni lafa Qorontos kan galaanaa maaylsii afur galoo galaanaa innis Qorontositti buufata doonii galaana irraa (jechuun Galaana ayooniyaan) fi mudhii galaana Saarooniik (jechuun, galaana Eshiyaa) giddu yeroo ta'uu kunnis magaalatti bakka guddaa doonii daldalaa n bittaa fi gurgurtaa (keessumatti xuuphiidhaa fi kan adda ta'ee hojii naasii) akkasumas gidduu galleessaa loltu turte. Bara Phaawulositti kun kan barbadaa'ee kan bahaatii fi kan lixaa aadaa walitti dhufuudha.

B. Qorontos immoo kan Giriki Roomaa gidduu galleessa aadaa Addunyaa ture.sababi isaa waggaatti yeroo lama tapha warra Hisizimiyaa keessumsiisaa waan turteef Dhaloota Kristos dura 581 kan jalqabamee (manni qulqulluummaa Poosiidoon) ateenaatti waggaa afuriin kan geggeefamuu tapha Olonpikii qofa ture. Bal'inaanis ta'ee faayidaadhaan kan caaluu (Tusididaas seena 1.13.5).

C. Bara 146 Qorontos raafama keessa galte (jechuun, gamtaan Akaahiyaa) Roomaa mormuudhaan akkasumas jeneerala Roomaa Luusiyes Muumiyees barbadoofte. Kanaan wal qabatees uummati Giriki garbummaadhaan tatamsa'e. dinaagdeedhaa fi loltoota sababi faayidaa ishee Yuliyees Sizaariin bara 46 yookaan 48 Dhaloota Kristoos dura deebite ijaaramte. Bittaa Roomaa jala taate loltoonni Roomee kan sooran. Ishenis ijaarsaa fi aadaadhaan roomee fakkaatti, akkasumas giddugaleessa bulchiinsa Roomee turte (jechuun, Seenaatooriyaan) wali gala bittaa Akaahiyaa isa guddaa Dhaloota Kristoos dura bara 27. Isheenis waggaa haraara bara 15 ti bittaa mootiti isa guddaa ture.

D. Magaalaan Qorontos isheen duri daangaan ishee dirricha irraa faanaa 1880 ol ka'ee yeroo jiraatuu kan Aforodaayiti bakka mana qulqullummaati. Naannoo mana qulqullummaa kanatti dubartoonni ejitootni 1000 tu jiru (Istraboo, Giogiraaffi, 8.6.20-22). "Qorontosiin" jedhamee waamamuun

(jechuun, Korontiyaa Zeesitaahii arsitoofageesiin [450-385 Dhaloota Kristos dura]) gadidhiisaa kan ta'ee jireenya hameenyaa wajjiin wal fakkeenya qaba. Manni qulqullummaa kunni akkuma magaalaa baay'ee sochii lafaatiin diigamtee turte tilmaamaan waggaa 150 dura Phaawulos achi ga'uu isaa dura bara haraaraa 77 lammaaffata akka ture waaqeffannaa wal baay'isuu bara Phaawulositti itti fuufeenyi isaa sirritti hin beekamne warri Roomaa  dhaloota Kristoos dura bara 146 magaalaati erga digaani jiraata ishee hundumaa erga ajjeesani yookaan garba erga godhatani asitti kan Girikii magaalaan ishee gara harka bittaa Roomaa jalatti naanna'eera (Fosaaniyaas, II 3.7). kunni kan warra Roomaa aadaa qabiyyee bakka aadaa warra Girikii, adda addummaa murteessaa ta'ee fideera Qorontos isa duraa gama hiikuutiin.

## III. BARREESSAAN

A. Ergamaan Phaawulos magaalaa kana turee adeemsa ergma lammattaa kan dhufe, ragaan Hojii ergamootaa 18:1-21 irratti argama. Gooftaan Phaawulositti mul'ataan mul'ateera, baay'een akka amananatii fi ergama isaa irratti mormiin jabatee akka hin jirraanne (Hojii Ergamootaa 18:9-10).

B. Ergamni Phaawulos karoorii isaa yeroo isaatti kan turan magaalaa gurguddootti waldaa Kristaanaa dhaabuu ture daawwatooti jijjiraman daldaltoonni naannaa'an, fi galaana irra kan deemaan wangeela iddoo ga'anitti akka tatamsaaasan amanudhaan. Lallabaa Waangeellaatiif duuka buutuu oomishuu bakka hundumaatti itti gaafatamummaa isaa kan fudhatan hoosiiftuu waldaa Kristaana ture.

C. Phaawuloos Aqilaadhaa fi Irsiqilaa argate, amantoota Yihudoota amanan kan ta'an hojii dunkaannaa yookaan hojii gogaan Qorontositti boba'aani tura. Isaanis Roomeedha bara haraaraa 49 tti akka ba'an dirqisiifanni lbsii Kilaadiyoosiin (Oroosiyuus, seenaa 7:2, 6:12, 15-16) kammin illee waaqeffannaa Yihoodootaati fi seera waaqeffannaa innis Hojii Ergamootaa 18:2).Phaawuloos gara Qorontos dhufee kan dhufee qophaa isaa ture. Lamaan isaanii Silaasii fi Ximootihos Meqeedooniyaatti hojii mataa isaani irra turan (Hojii Ergamootaa 18:5). Baay'ee in jajjabanee ture (Hojii Ergamootaa 18:9-19, Qorontos isa dura 2:3). Ta'us ji'a 18tiif jabbinaan taa'eera (Hojii Ergamootaa 18:11).

D. Phaawulos macaafa kanaa ittiin ga'uudhaafi roomeetti Kiliimeentiin mirkanaa'eera. Innis Qorontosiif Roomeetti xalayaa barreesseerra. 95/96 wagga haraaratti (Anikileemeenti 37:5, 47:1-3, 49:5). Ergaan kunni Phaawulos akka barreesse shakkii hin qabu. Beektooti ammayyaa ibsa isaan itti kennan dabalate.

## IV. YEROON ISAA

A. Phaawulos Qorontos yeroon daawwachuu isaa mirkanaa'eera mootii kilaadiyoosiin barreeffamichi mirkanaa'era Beelifitti kan argamee guyyaan isaas yeroon isaas bulchaa magaalaa Galiyoo bara haraara 51 jalqabaa ka'ee hanga Hamillee 52 ti (Hojii Ergamootaa 18:12-17) kunnis Phaawulos yeroo ga'eetti tilmaaman bara haraara 49-50 ta'a.

B. Egaa ergaan Phaawulos giddu galleessa 50  irratti ta'uu danda'a, kan inni barreessees Effeessooniti. Waggaa lama gidutti yeroo tajaajileetti (Hojii Ergamoota 19:10) fi waggaa 3 (Hojii Ergamoota 20:31).

C. Ergaan Phaawulos duraa booda ta'uu kan danda'uu F.F. Biruusii fi Muuriihaariis sirreefama xiqqoo

| | **Macaafa** | **Yeroo** | **bakka itti barreefamee** | **wallitti dhufeenya Hojii Ergamootaa wajjin** |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Galaatiyaa | 48 | Sooriyaa Antihook | 14:28, 15:2 |
| 2. | 1 Tessolonqee | 50 | Qorontos | 18:5 |
| 3. | 2 Tessoolonqee | 50 | Qorontos | |
| 4. | I Qorontos | 55 | Effeessoon | 19:20 |

5. II Qorontos 56/57 Meqedooniyaa 20:2
6. Roomee 57 Qorontos 20:3

7.-10 Ergaa mana hidhaa

| | | | |
|---|---|---|---|
| Qolasaayiis | waggoota 60 dura | Roomee | |
| Effeessoon | waggoota 60 dura | Roomee | |
| Filimoonaa | waggoota 60 dura | Roomee | |
| Filliphisi'uus | dhuma 62-63 | Roomee | 28:30-31 |

11-13 Ergama adeemsa Misihoonummaa arfa

| | | |
|---|---|---|
| I Ximootihoos | 63(yookaan booda) | Meeqodoniyaa |
| Tiitoo | 63 garuu dursee | Eeffeessoon (?) |
| II Ximootihos | 64 bara 68 | Roomee |

(Phaawulos kan ajjeefamee tarri bara haraara 65 ta'a.

## V. ERGICHA KAN FUDHATAN

A. Baayinaan ergicha kan fudhatan ormootaan kan hundeefamte waldaa xiqqoo turte. Waldaan Kristaana Qorontos uummatti isaa sanyiidhaa fi aadaadhaan wal makaa turebocaa hambaa haftee duriiti fi sagalicha irraa akka hubannutti (Hojii Ergamoota 18:4-8) mana sagadaa Qorontos ture.

B. Loltoonni Roomee achitti sooroma argatu ture, kan waggaa digdamaa barri tajaajila loltummaa yeroo raawwatan. Qorontos magaalaa bilisa turte. Bittaa Roomaatii fi walittii qabaan bittaa roomaa magaalaa Akayaa ture.

C. Ergichi garee baay'ee kan callaqisiisu fakkaata waldaa kiristaanaati.
   1. Beektoonni Girikii isaan amma iyyuu aadaa falasama isaanitiin kan boonaanii fi ibsa mul'ata kiristaanaa isaan barsiifata duritii fi aadaa beektootaa wajjin walitti fiduu kan barbaadan.
   2. Degertoota Roomeetii fi gamtaa beektoota
   3. Amantootni walitti qabama Yihudoota baay'inaan "Waaqayyoon kan sodaatan" ormonni, isaanis mana sagadaa irratti kan argaman.
   4. Lakkoofsa baay'ee kan qaban garboonni jijjiiraman

## VI. KAAYYOO ERGICHAA

A. Phaawulos waa'ee rakkinichaa dhaga'e qorontositti waa'ee isa babalatee, burqaa afur irraa
   1. Maatii Qaaloyee 1:11
   2. Xalaayaa waldaa irraa ergamee Roomaa gaaffii kan gaaffate 7:1, 25, 8:1, 12:1, 16:1, 12
   3. Daawwannaa dhuunfaa Isxifaannoos irraa, Foortuneetis, fi Aqikaas, 16:17 ta'uu kan qabuu xalayichii (lakk.2)kan inni dhufee namoota kana irraan (lakk.3).

   Aajaa'ibsiisaa kan ta'uu Muuriihaariis baafata Qorontos isa duraa, Phaawulos waa'ee waldatti ragaa fudhate irratti gochuudhaan.
   1. Maatii Qaaloyee irraa kan argatee odeefannoo jechaa, innis barreeffama Phaawulos boqonnaa tokko amma afuri ka'umsa kan godhatu
   2. Bakka bu'oota waldaa kiristaana ergaa irraa argamee (jechuun, Isxifaannoos Foortunaatis fi Aqiikaas) innis boqonnaa shani amma jahaatti ka'umsa kan godhatu
   3. Gaaffii barreeffamaatiin, waldaa Kiristaanaa irraa kunnis boqonnaa 7-16 irraa ka'umsa godhata.

B. Waldaan Kristaanaatti geggeessitoota adda addaa degeruudhaan qoqodamteeti Phaawulos, Aphiloos, Pheexiroos, akkasummas tarrii garee Kristoos (1:12). Waldatiin kiristaanaa gosa geggeesummaa qofan hin qoqoodamne, garuu immoo karaa qulqullummaatii fi karaa fayyadama kenna hafuuratiinis male. Tuqaan falmii inni guddaan taayitaa ergama Phaawulos ture (keessumatti II Qorontos)

## VII. PHAAWULOS WALITTI DHUUFENYI INNI WALDAA QORONTOSI WAJJIN QABU WIXINEE YEROO

A. Phaawulos qorontosiif erga ammami barreessee?
   1. Lama qofa, 1 fi II Qorontos
   2. Sadii xalayaan tokko kan badee
   3. Afur xalayaan lama kan badan
   4. Beektooti ammayyaa tokko tokkoo kan isaan barreessan ergoota lama qoodoti Qorontos isa 2 keessatti argataniiru
      a. Ergaan inni duraa (I Qorontos 5:9) II Qorontos 6:14-17:1)
      b. Ergaa cimaa (II Qorontos 2:3-4, 9, 7:8-12, II Qorontos 10:11 keessatti)
   5. Shani II Qorontos 10-13 irraa xalayaa 5 ta'a dabalataaniis oduu hamaa Tiitoo booda wal qabatee kan argame.

B. Wixineen yaada lakkoofsa sadii hunduma irraa kan caaluu kan wali galu fakkaata

   1. Xalayaa isa duraan badee (I Qorontos 5:9).
   2. I Qorontos
   3. Xalayaa cimaa, kan badee (tari Qorontos isa 2 2:1-11, 7:8-12) kan galmaa'ee keessaa kan qodatee kan ta'e
   4. II Qorontos

C. Kan lamma hundeefama wixinee

| Guyyaa | Daawwannaa | Xalayaa |
|---|---|---|
| Bara 50-52 Adeemsa 2 Misiyoonii kan Phaawulos | a. Adeemsa 2 Misiyooni phaawulosiin waggaa 18 Qoronxositti tureera (Hojii Ergamoota 18:1-11) | a. I Qorontos. 5:9-11 kan argisiisuu kan fakkaatu waldaa Kiristaanaatihaala Imooraanootaati. Ergaan kun hin beekamuu ture (1) tokkoo tokkoo akka tilmaamanitti II Qorontos 6:14-7:1 kutaa isaa utuu hin taanee ta'ee yookiin (2)kunnis II Qorontos 2:3, 4, 9, kan hin xumuramiin ergaa ta'annii II Qorontos kan argisiisan |
| Bara 52 Galiyoon erga muudamee bara 51 jalqabee (Hoji ergamoota 18:12-17) | | |
| Bara 56 (Birraa) | b. Phaawulos waa'ee rakkoo waldaa Effeesson keessa turanii fi Effeessooniin akka inni ture maddaa lama irraa dhaga'ameera (1) namoota Qaaluyee I Qorontos 1:11 fi (2)Isxifaanoos, Foorlitunaatees fi Aqikaas I Qorontos 16:17 isaan walummaa galatti xalayaa gaaffii qabatanii dhufanii turan. Qorontosii waldaa manatti | b. Phaawulos gaaffiiwwaan kana deebise (I Qorontos 7:1, 25, 8:1, 12:1, 16:1, 2) II Qorontos barreessuudhaan. Ximootihoos |

| | | |
|---|---|---|
| Bara 56 (Ganna) yookaan<br>Bara 57 (Ganna) | | (I Qorontos 4:17) deeii isaa kan fudhatu Effeessoon irrati (I Qorontos 16:8) gara Qorontositti. Ximootihoos waldaa kiristaanaa keessaa rakkoo jiruu salphisuu hin dandeenye. |
| | c. Phaawulosi akka tasaatii fi daawwannaa rakkisa Qorontositti godhe (Hojii ergamootaa keessatti hin galmoofne II Qorontos 2:1) kan milkaa’ee hin turee garuu deebii’uudhaaf waadaas galeera | c. Phaawulos erga jabaa barreesse (II Qorontos 2:3-4:9, 7:8-1II Qorontosii fi waldaa mana keessaatti kunnis Tiitootti kanergamee (II Qorontos 2:13, 7:13-15,). Ergaan kun hin beekamu, muraasni akka yaadanitti kan II Qorontos 10:13 kan qoodate akka ta’e |
| Bara 57-58 (Ganna) | d. Phaawulos Tiitoo Tiroohaasitti argachuu karoorse Tiitoon garuu hin dhufne kana waan ta’eef Phaaulos gara Maqidooniyaa deemee (II Qorontos 2:13, 7:5, 13) tari Filiphiyaa (MMCS B, K, AL, P) | d. Innis Tiitoo argatee waldaa kiristaanaasi geggeessaa isaa fudhachuu isaanii dhaga’ee kana irraas kan ka’ee II Qorontos galata guddaadhaan barreesse (7:11-16) innis kan ergamee Tiitoodhaan |
| | e. Kan Phaawulos isa dhumaa kan galmaa’ee daawwanaan Qorontos kan tuqame hojii Ergamoota 20:2-3 irratti fakkaata. Ammami illee Qorontos jechaan yoo hin tuqamnee kan yaadatamuu dha, innis yeroo gannaatti achi tureera. | e. Haali inni fayadamee jijjiiramaa boqonnaa 1 hangaa 9 fi 10-11 gidduu kan jiru beektoota tokko tokkoon akka ergaa hamaa dabalataa ibsameera ( ta’uu kan qabuu mormituun isaanii duraa 2 kakka’uu isaaniti fi kan biraa mormituu haarannis dabalamuu isaaniti) Qorontos irraa waldoota mana keessaa boqonnaa 1-9ti barreeffamee ture (F.F Biruus). |

## VIII. GOOLLABBII

A. I Qorontositti soortuun Phaawulos rakkina waldaa kiristaanaa dhabamsiisuudhaaf yaaleera. Ergaa kanaa fi Galaatiyaatti wali galaa dhugaa Wangeela kara adda addaatiin utuu dabarsuu argina hawwii waldaa kiristaana irra dhaabatee birmadummaan Galaatiyaa waldoota kiristaanaatiif daangaa waldaa kiristaana Qorontosiif.

B. Macaafni kun tokkoo illee "aadaa moofaa" yookaan dhugaa beekamaan qabeenyaa ta'ee bakka murtaa'ee tokkottii seena/ aadaa yoomii fi eessaa irratti kan raawwatamee dha. Dhugaadhaa fi dhugaan sun aadaan raawwachuu isaa akka waliin  nu hin dhoofne baay'ee of eegachuu qabna. Kanaafis baay'ee kan fayyaduu dhima xin-waaqummaa  ibsa gaarii kan Goordeen D. fi akkasummas Daagilaas Situuwaartiin macaafa Qulqulluu faayida qabeessa guutuu akkamitti akka dubbisu fuula 65-76 fi Gordeen fi Wangeelaa fi hafuura qulqulluu kan jedhuu ilaali.

C. Macaafni kunni macaafa Qulqulluu akka hiiktuu dandeetti hafuura kee si jajjaabeessa. Innis xin-waaqummaa  2 akka ati yaadu si dirqisiisa. Innis balbala fedha Waaqayyo bara keenyaaf bane dubbi ifaatiin akka kan biroo barreeffama macaafa Qulqulluu muraasa.

## IX. I QORONTOS BAAFATA GABAABAA

A. Seensa 1:1-9
   1. Nagaa 1:1-3
   2. Galata 1:4-9

B. Qorontos irratti kan jedhaman rakkinoota 1:10-6:20
   1. Waldaa keessatti qoqodiinsi jiru geggeessaa kristaanummaa (jechuun, Phaawulos, Aphiloos, Pheexiroos) yaadaa fi ergicha hubachuu dadhabuu irraa kan ka'ee 1:10-4:12
   2. Kuufaatti naasisaa qulqulluummaa 5:1-13
   3. Seera qabeessummaa kiristaanaa 6:1-11
   4. Birmadummaa kiristaanaa, itti gaafatamummaan kan dangeefamee 6:12-20

C. Ergaan Qorontos gaaffii ceepha'uu kaasa 7:1-16:1
   1. Kan namoota qunaamtii saala wal fakkaata 7:1-40
   2. Waaeffannaa waaqa ormaa aadaa fi birmadummaa kiristaanaa walitti dhufeenya qabu ture 8:1-11:1
   3. Waaqeffannaa kiristaanaatii fi hireenya hafuuraa 11:2-14:40
   4. Barumsaa deebi'e dhufuu keessumatti du'aa ka'uu 15:1-58
   5. Yerusaaleemiin kan jirtuu waldaa hosiistuun bu'aa isheen gootee 16:1-4

D. Tuqaallee guduunfa
   1. (Hidhata tajaajiloota isaa) karoora deems 16:5-12
   2. Wali gala yaadachisaa fi nagaa dhaamu 16:13-24

## X. Akka yaada Phaawulositti dubbiffama yaadatamuudha

A. *The Mind of St. Paul*, William Barclay, Harper & Row kan maxanfame.

B. *Paul, Apostle of the Heart Set Free,* F. F. Bruce, Eerdmans kan maxanfame.

C. *The Origins of Paul's Religion*, J. Gresham Machen, Eerdmans kan maxanfame.

D. *Paul, An Outline of His Theology,* Herman Ridderbos (translated by John De Witt), Eerdmans  kan maxanfame.

E. *Epochs in the Life of Paul,* A. T. Robertson, Bakeriin  kan maxanfame.

F. *A Man In Christ,* James S. Stewart, Harper & Row iin kan maxanfame.

G. *Dictionary of Paul and His Letters,* IVPiin kan maxanfame.

H. *Paul in the Roman World, The Conflict at Corinth*, Robert M. Grant, Westminister, John Knox Press kan maxanfame.

I. *Philo and Paul Among the Sophists*, Bruce W. Winter, Eerdmans kan maxanfame.

J. *After Paul Left Corinth*, Bruce W. Winter

Ramaddii dubbifama tokkoo (fuula V ilaali)

Qajeelfamni qayyabannaa kana hiikaa yeroo ta'u kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti kan hiiktuuf itti gaafatamummaa isaa fudhata jechudha. Tokkoon tokkoon ifa nuu kennameen adeemuun nurra jira. Hiiktooni jalqabaa Macaafa qullqulluudhaaf hafuura qulqulluu dha. Kana deebistee isa hiikuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhaneef.

Guutummaa Macaafa Qulqulluu yeroo tokkoo dubbisi, kan guutumma Macaafa Qulqulluu jecha mataa keeti teesisi.

1. Guutummaan yaada ijjoo Macaafa

2. Gosa barreeffamaa (sharbee)

## Gosa dubbiffamaa lama ("Qajeelfama Dubbifama Gaarii Macaafa Qulqulluu" fuula V)

Qajeelfamni qayyabannaa kana hiikaa yeroo ta'u kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti kan hiiktuuf itti gaafatamummaa isaa fudhata jechudha. Tokkoon tokkoon ifa nuu kennameen adeemuun nurra jira. Hiiktooni jalqabaa Macaafa qullqulluudhaaf hafuura qulqulluu dha. Kana deebistee isa hiikuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhaneef.

Guutummaa Macaafa Qulqulluu yeroo tokkoo dubbisi. Yaada gurguddoo ijoo adda baastee ijoo yaadaa taree tokkoon ibsi.

1. Isa jalqabaa ramaddii barreeffama yaada ijoo

2. Isa lamaa ramaddii barreeffama yaada ijoo

3. Isa sada ramaddii barreeffama yaada ijoo

4. Isa arfa ramaddii barreeffama yaada ijoo

5. Kan kana fakkaatan

# I Qorontos 1

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Nagaa fi Galata | Nagaa | Nagaa | Nagaa | Nagaa fi eebba |
| 1:1-3 | 1:1-3 | 1:1-3 | 1:1 | 1:1-3 |
| | | | 1:2 | |
| | | | 1:3 | |
| | Kennaa Hafuuraa Qoronroos Keessa | Galata | Eebba Kiristoosiin | Galata |
| 1:4-9 | 1:4-9 | 1:4-9 | 1:4-9 | 1:4-9 |
| Gargar qoodamuu waldaa keessatti | Gargar qoodamuun cubbuudha | Gargar qoodamuun Qorontos keessa | Gargar qoodamuu waldaa keessatti | Warra amanamoo ta'ean gidduutti walitti bu'iinsa |
| 1:10-17 | 1:10-17 | 1:10-17 | 1:10-13 | 1:10-16 |
| | | | 1:14-17 | |
| Kirstoos Humna fi Ogummaa Waaqayyoo | Kirstoos Humna fi Ogummaa Waaqayyoo | Kiristoos isa fannifame (1:18-2:5) | Kirstoos Humna fi Ogummaa Waaqayyoo | Ogummaa isa dhugaa fi isa sobaa (1:17-3:4) |
| | | | 1:18-20 | 1:17-25 |
| 1:18-25 | 1:18-25 | 1:18-25 | 1:21-25 | |
| 1:26-31 | 1:26-31 | 1:26-31 | 1:26-31 | 1:26-31 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula vii irraa)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata duraa

2. Keeyyata lamma

---

*Kaka'umsa dhabuyyuu, qoqqooddaan keeyyataanii yaada barreessaa jalqabaa hubachuuf furtuu cimaadha. Tokkoon tokkoon jijjiirraawwan ammayyaas keeyyata qoqqoodamee fi kan cuunfame ni qabu. Keeyyanni kamiyyuu immoo bakka adda ba'ee jirutti mata duree ijoo, dhugaa fi yaada ijoo tokko ni qaba. Tokkoon tokkoon sararaas bakka adda ba'anii jiranitti mata duree sana ni calaqqisiisu. Akkuma barreeffama kana dubbisteen jijjiirraa isa kamtu akka hubannoo, dhimmaa fi qoqqooddaa sararaaf ga'umsa siif ta'u of gaafadhu.

Boqonnaa kamiyyuu keessatti dursa Macaafa Qulqulluu dubbisuu fi dhimma isaa adda baasuuf yaaluu qabna. Itti fufnees, hubannoo keenya hiika ammayyaa waliin wal cinaa qabnee madaaluu qabna. Yeroo miira barreessaa jalqabaa hubannu qofa sabqora (logic) isaa fi haala inni ittiin dhiyeesse ilaaluun Macaafa Quqlulluu dhugaan kan hubachuu dandeenyudha. Barreessaa jalqabaa qofaatu kaka'umsa uumuuf ga'aadha malee Dubbistoonni Macaafa Qulqulluu, barootaa fi jireenya isaanii keessatti dhugaa eerame hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaa ni qabu.

Hub: Jechoonni teeknikaawaa fi gabaajeewwan hundi guutummaa guutuutti miiltoo (Appendices) tokko, lamma fi sada keessatti ibsamaniiru.

3. Keyyata sada

4. Kkk

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

### I Qorontos 1:1

**[1]Ani Phaawulos fedha Waaqayyootiin ergamaa Kristos Yesus ta'uudhaaf kanan waamame, Sostenees obboleessaa wajjin*,**

**1:1 "Phaawulos"** bara Phaawulos Yihudootni baay'een, Filisxeemi ala kan jiraatan maqaa jalqabaa lama qabu 1[n] kan Yihudootaa kan biraa kan Roomee (Hojii Ergamoota 13:9). Maqaan Phaawulos maqaa Yihudiitiin Saa'ol ture. Inni akka mootii Israa'el durii qomoo Biniiyaam ture (Roomee 11:1, Filiphisi'uus 3:5). Kan Roomee yookiin maqaa Girikii kan ta'ee Phaawulos (xinnoo) jechuudha. Kunnis kan argisiisuu tokkoollee

1. Dhaabannaa qaama isaa innis kan tuqamuu jaarraa lamaa Macaafa Qulqulluu irraa kan hin taanee hojii Phaawulos Tessoolonqee wajjin kan adeemu "Phaawulosii fi Takilaa) jedhamee boqonnaa waamamu.
2. Yaada dhuunfaa mataa isaa dhuma qulqulloota hundumaati kan jedhu, kunnis jalqaba irratti waldaa kiristaanaa ari'aataa waan tureef (I Qorontos 15:9, Eeffeessoon 3:8, 1 Ximootihoos 1:15).
3. Yeroo dhalatuu maatiin isaa baasaaniiruuf utuu ta'ee

▣ **"Waamamuu"** mata duree addaa itti fufee jiruu ilaali

### Mata duree addaa: Waamamuu

Waaqayyo yeroo hundumaa waamuudhaan fillachuudhaan fi amantoota gara mataa isaatti dhi'eesuun kakka'umsa in fudhata (Yohannis 6:44, 65, 15:16, I Qorontos 1:12, Eeffeessoon 1:4-5: 11). "Waamamuu" jechi jedhuu bifii barumsi Waaqayyummaa baay'een fayadama irra ooleera.

A. Cubbamoonni fayyinaaf waamamaniiru, karaa hojiin Kristoosiin raawwatee ayyana Waaqayyootiin, hafuura irratti amantaa cimaa jiruu (jechuun, Kiilootis, Roomee 1:6-7, 9:24, innis kara xin-waaqummaa I Qorontos 1:1-2 fi 2 Ximootihos 1:9, 2 Pheexiroos 1:10 wajjin wal fakkaataa kan ta'e).
B. Cubbamoonni maqaa gooftaan kan waamaman akka fayyaniif (jechuun, Ipikaaleo, Hojii Ergamootaa 2:21, 22:16, Roomee 10:9-13). Ibsi kun jecha dhokkataa waaqeffannaa Yihudootaati.
C. Amantooti kan waamamaniif jireenya Kristoosiin fakkaachuu akka qabaataniif (jechuun, Klsis, I Qorontos 1:26, 7:20, Effeessoon 4:1, Filliphisi'uus 3:14, 2 Teessoolonqee 1:11, 2 Ximootihoos 1:9).
D. Amantoonni kan waamaman hojii tajaajilaatiif (Hojii Ergamootaa 13:2, I Qorontos 12:4-7, Effeessoon 4:1).

▣ **"Ergamaa"** kun jecha Girikii baratameedha "kan ergamee" jechuudha (jechuun, Apostilo). 4:9 irratti mata dure addaa jiruu ilaali. Jechi kun xin-waaqummaa fayyadama baay'ee qaba.

1. Rabbiwwan isa kan gargaaraman tokko kan waamamee fi kan ergamee bakka bu'aa kan biraa seera qabeessa ta'eeti. Liin akkumma keenyaa kan Ingillizi "Ambasaadarii" (II Qorontos 5:20).
2. Wangeelli yeroo hundumaa jecha kanaa Yesusiif kan gargaaraman abbaa irraa akka ergamee argisiisuudhaaf (Maatihos 10:40, 15:24, Maariqos 9:37, Luqaas 9:48). Yohannisiin jechichii akka Masihiiti fudhatama (Yohannis 4:34, 5:24, 30, 36, 37, 38, 6:29, 38, 39, 40, 57, 7:29, 8:42, 10:36, 11:42, 17:3, 8, 18, 21, 23, 25, 20:21). Inni fayyadama irra kan oole Yesus amantoota erguu isaatiin (Yohannis 17:18, 20:21).
3. Kakuu Haaraan kan inni fayyadu duuka buutuudhaaf
   a. Duuka buutuun gurguddooni kudha lamaan iddoo giddu galleessa qabu kan turan (Luqaas 6:13, Hojii Ergamootaa 1:21-22).
   b. Garee addaa ta'anii gargartoota ergamootaa fi hojeetootaa degertoota
      (1) Baranabaas (Hojii Ergamoota 14:4, 14)

(2) Andiroonikesii fi Juni'aas (Kijaati, Juni'aat, Roomee 16:7)
(3) Aphiloos (I Qorontos 4:6-9)
(4) Yaa'iqoob obbolleessa gooftaa (Galaatiyaa 1:19)
(5) Siliwaanoos fi Ximooti'oos (1 Tessollonqee 2:6)
(6) Tiitoos yoo ta'ee (II Qorontos 8:23)
(7) Epoofidiretesiin yoo ta'ee (Filliphisu'uf 2:25)

c. Kennaa itti fufiinsa qabu waldaa kiristaanaa keessatti (I Qorontos 12:28-29, Effeessoon 4:11)

4. Phaawulos waamicha kana ergaa isaa baay'ee of isaatti kan itti fayyadamuu bakka bu'aa Yesus ta'uu isaa Waaqayyoos waamicha isaa akka kenneef cimsuudhaaf (Roomee 1:1, I Qorontos 1:1, II Qorontos 1:1, Galatiyaa 1:1, Effeessoon 1:1, Qollasi'aas 1:1, 1 Ximootiyoos 1:1, 2 Ximooti'oos 1:1, Tiitoo 1:1).

▣ **"Yesus Kristos"** jechoonni kun "Gooftaan Yesus Kristoos" kan jedhuu waamichi guutuu kan qoodatuudha. (2:3, 7, 8, 9, 10,). Isaan sadan taayitaan hundumtuu adda addaan faayidaa qaba.

1. "Yesus" mucaan Beetelemiin ture ergamichaan moogame (Maatihos 1:21). Innis maqaa Ibiroota lama irraa kan argamee dha. "Yaahiwwee" maqaa kakuu Waaqummaa fi "Fayyina" (jechuun, Hosee). Innis "Iyyaassuu" wajjin wal fakkaata kan ta'e maqaa Ibirootaati. Qopha isaatti yeroo itti fayyadaman yeroo hundumaa kan inni ibsuu namni, Yesus namicha Naazireetiin ilma Maarihaami dha (Maatihos 1:16, 25, 2:1, 3:13, 15, 16).
2. "Kristiis" Ibirootaan Masihii hiika girikiti (jechuun kan dibamee). Innis kan inni argisiisuu Yesus Kristoosi Kakuu Moofaadhaan kan inni ittiin waamamu Yaahiwween abdii akka kenneefiti tokkoon innis isa bara tolaa akka qopheessuuf
3. "Gooftaa" (Kijaati tokko tokkoo fayyadama irra kan oole) adoon kan jedhuu jecha Ibirootaan kan hikameedha hiiki isaas "Abbaa manaa olaanaa, yookiin gooftaa" jechudha. Yihudootni kan qulqulla'ee Yaahiwwee kan jedhuu maqaa waamuu sodaatu, kunnis immoo akkasumaan maqaa Waaqayyoo waamtee aboomi kurnan keessa tokkoo akka irra hin darbineef. Isaanis sagallee qulqulla'aa yeroo dubbisanitti Yaahiwwee Adoonitti in jijjiiru sababa kanaatiif hiikni Ingilli gooftaa kan jedhuun hundummaa Capital letter (qubee gurguddaa) Kakuu Moofaati bakka Yaahiwwee kan isaan fayyadaman. Waamicha kana (Kurihoos Girikiidhaan) gara Yesusitti jijjiruudhaan barreesitooti Kakuu Haarawaaqummaa isaa abbaa wajjiin wal qixa ta'uu isaa in mirkaneessu.

▣ **"Fedha Waaqayyootiin"**kunnis baay'ee isaanii irraa ibsa cimaa kan jalqabaa yeroo ta'uu innis seensa irratti taayitaa Phaawulosi wajjin wal fakkaata (jechuun, "ergamaa ta'uuf kan waamame" lakk.1 "Fedha Waaqayyootiin" lakk.1fi "maqaa Yesus Kiristoosiin" lakk.10. kan Phaaeulos taayitaan ergamummaa isaa isa guddaa dhimma xin-waaqummaa ti. Ergaa Qorontositti keessumatti isaa II Qorontos.

Kun seensa gaalee wal fakkaataa Qolasi'aas 1:1, I Qorontos 1:1, II Qorontos 1:1 fi Ximooti'os 1:1 fayyadama irraa ooleera. Phaawulos Waaqayyo ergamaa godhee akka isa waamee amanateera. Kunni bifa adda ta'een yaada waamicha kan jalqaban karaa Damaasqoo irratti jijjiramuu isa irratti (Hojii Ergamootaa 9:22, 26).

▣ **"Soosteenis"** kun ta'uu kan qabuu hojii Ergamootaa 18:17 kan tuqame geggeessaa Yihudootaati innis jeeqtootaan kan reebbamee fi booda irratti amanaa ta'ee waldaa hoosiistuu geggeessaa kan turedha. Inni ta'uu ta'uu kan qabu kan Phaawulos (1)Gargaara (2) Barreessaa (3) Waa'ee waldaa Kiristaanaatti burqaa jalqabaa yookaan (4)Waldicha keessa tokko beekamaa kan ta'eedha.

## I Qorontos 1:2

**[2]gara waldaa Waaqayyoo isa mandara Qorontos jiruu, gara warra karaa Kristos Yesus qulqulleeffamanii, warra iddoo garaa garaatii, maqaa Yesus Kristos gooftaa hunduma keenyaa waammatan hundumaa wajjin, qulqulloota ta'uudhaaf waamamanitti kana caafuu koo ti*.**

**1:2 "Waldaa kiristaanaatiif"** itti fufee kan jiru mata duree addaa ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: WALDAA (EKKLESSIA)

Kunis jecha Giriik *"ekklesia"* kan jedhudha. Innis jechoota lama kanneen "kanarra kan caalu" (out of) fi

jedhamu “called” irraa dhufe. Kanaafuu, jechi kun kan inni madaalu “Gama Waaqaummaatiin waan tokkoo ala” kan jedhudha. (The divinely called out-ones) waldooleen durii jecha kana fayyadama addummaa amantii (Sevular user) irra kan fudhattee (cf. HoE 19:32,39,41) fi sababa beektonni torbaatamii (septuagint’s) jecha kana “walitti qabamuu” (congregation) Israayelootaaf ittii fayyadamaniifidha (cf. lakk 16:3; 20:40). Isaanumtuu walitti fufinsaan akka saba Waaqayyoo bara Kakuu Moofaa keessatti ittii fayyadamaniiru. Isaan Israa’eeloota Haaraa turani (cf. Rom 2:28-29). Gal 6:16; 1Phex 2:5; Mul 1:6). Ergaa Waaqayyo Addunyaa guutuuf qabu mirkaneessuudhaf (cf. Uma. 3:15; 12:3; Ba’u 19:5-6), jechichi walgeelootaaf Hojii Ergamootaa keessatti haala baay’eedhaan itti dhimma bahameera.

1. walgahii magaalaa, HoE. 19:32,39,41
2. ummata Waaqayyoo waliigalaa karaa Kiristoosiin, Mat. 16:18 fi Efesoon
3. waldaa amantootaa qe’ee karaa Kiristoosiin Mat. 18:17; HoE 5:11 (waraabbii kana keessatti waldaa Yeruusaalem)
4. ummata Israa’el waliigalatti HoE. 7:38 Lallaba Isxifaanoos keessatti
5. E. saba Waaqayyo naannootti HoE. 8:3 (Yihudaa ykn Filisxeema)

▣ **“Qorontosiin kan jirtuu kan Waaqayyo”** gaaleen kun waa’ee “waldaa kiristaanaa” yaada adda addaa lama ibsa.

1. Inni qaama dhaloota lama argamudha, amantoota cuuphaman, kakuu haaratti bakka baay’eetti jechii Ekileesi’aa fayyadama irra kan oole hoosiistuu kana galumsa kan godhate kan callaqisisuudha.
2. Innis immoo qaama Kristos ibsa wali galaati. Innis Maatihos 16:18 irratti argama (jechuun, Yesusiin itti fufee fayyadama irraa yoo hin oole jechi duraa ka jalqabaa Maatihos 18:17 [al lama]) Hojii Ergamootaa 9:31 kan inni fayyadamu qeenxee isaa “waldaa kiristaanaa” dha. Wal gahii waldaa hosiiftuu amantootaa hundumaaf, Yihudaati, Galilaa, fi Samaariyaa akkasumas gara dhumaatti fayyadamni ayyanichaa Eeffessonitti innis xalayaa irra deddeebi’amee kan ta’ee Eshiyaa xiqqoodhaaf (1:22, 3:10, 21, 5:23-32).

Tokkoo qaami guddaan Kristoos jira, amantoota hundumaan kan ijaaramee (muraasi isaani du’aniiru, murasii isaani jireenyatti jiru) akkasumas kan mataa isaa qaami wali galaa waldaa hosiiftuun kan ibsan jiru.

▣ **“Isaaniif kan qulqulla’an”** kun kan xumuramee hojii irra kan oole keeyata Booz yeroo ta’an hiikii isaas isaaniis hojii Yesuusin karaa hafuura Qulqulluu kan raawwatamee qulqulloota turan ammas itti fufu (6:11). Jechi kun (*hagiazō*) “Qulqulluu” jecha jedhu wajjin adeema (*Hagios*) fi “qulqulloota” (jechuun, “kan qulqullaa’an” Hagioi). Inni kan dubbatuu hojii Waaqayyootiif adda ba’uu keenya. Asitti kan argisiisuu sadarkaa isaan qabnuudha. Lakk.3 akka jedhuutti haa ta’uu malee Kakuu Haaraatti bakka biraatti amantootni “qulqullummaa” dha Kan yaalan (Maatihos 5:48). Innis ejjeennoo dhalachuutiin. Phaawulos adda ba’uu kana in jajjabeessa isaaniin “Qulqulloota” jedhamtee kan waamamtuu waldaa kiristaanaa ishee boontuu, caaladhumati kuufatti isaaniif cubbuu isaani gidduu!

## Mata duree addaa: Qulqulluummaa

Kakuu Haaraan cubbamoota qalbii jijjiraanaa fia amantiidhaan gara Yesuusitti deebi’uudhaan akkuma sanaan qajeelootaa fi qulqulloota godhe isaan dhaabe. Kunnis Kiristoosiin kan qabaniif ejjennoo haaraa dha. Fuuli isaa gara isaanitti naana’a (Roomee 4). Isaan sirridhaa fi qulqulluu akka ta’an in labsama (hojii tola Waaqayyoo).

Haa ta’uu malee Kakuu Haaraan immoo amantoota waa’ee qulqullummaatii fi waa’ee tolaatiif cimsee yaadachisa. Innis lamaanuu ejjeennoo xin-waaqummaa karaa Yesusu Kiristoos waa’ee hojii raawwateef Kristoosiin waa’ee fakkaachuuf waamamuu (jechuun, jireenya guyyaa guyyaa ilaalchaaniis ta’ee gochanidha). Fayyinni kennaa tolaatii fi tooftaa jireenya hundumaatiif hundumtuu gatii akka ta’ee qulqulla’uunis akkuma kana.

| **Deebii ka’umsaa** | **itti fufeenyaa kan qabuu Kristoosiin fakkaachuu** |
|---|---|
| Hojii Ergamootaa 20:23, 26:18 | Roomee 6:19 |
| Roomee 15:16 | II Qorontos 7:1 |
| I Qorontos 1:2-3, 6:11 | Effeessoon 1:4, 2:10 |
| II Tessoollonqee2:13 | I Tessoollonqee 3:13, 4:3-4, 7,5:23 |
| Ibiroota 2:11, 10:10, 14, 13:12 | I Tessoolllonqee 2:15, |
| I Pheexiroos 1:12 | II Ximootihos 2:21, |
| | Ibiroota 12:14, 1 |
| | I Pheexiroos 1:15-16 |

▣ **"Kristos Yesusiin" seerlugni** kan akka kanaa LOCATIVE OF SPHERE jedhamu. abbaadhaan qulqulla'uu (jechuun, burqaan isaa Yohannis 17:7, 1 Tessoolloonqee 5:23). Karaa Yesusiin (jechuun, hundeen isaas 1:2, Effeessoon 5:26). Fuuli lamaan wali wajjin kan dhufan Ibiroota 2:11 dha. Innis seera isaatiin kun kan argisisuu hafuura qulqulluu dha (jechuun, bakka bu'aa Roomee 15:16, 2 Tessoolloonqee 2:13).

Kunnis kan Phaawulos karaa jaalatamaa dha amantootaa ibsuudhaaf. Kanaaf fakkeenya gaarii kan nuu ta'uu Effeessoon 1:3, 4, 7, 9, 10, 12, 13 dha. Williham Baarkileey yaada Phaawulos qulqulluu fuula 121-132 ilaali. Isaas jechuun Yesusi wajjin kan godhamuu tokkummaa dhuunfaa bu'a qabeessa ta'uu isaa dha (Hojii Ergamootaa 17:28).

Al tokko tokkoo barreessonni akkamitti akka barreessan dubbii hubachuudhaan in ajaa'ibsiisa.

1. "Kristoos Yesuusiin" – MSS p.46, B, D, F,G
2. "Kristoos Yesusiin" –MSS a, A

Garagarumaan isaan kanaa itti fufeenyaan kan isaan uuman dubbisuudhaafi adeemsa gala galchuu irratti dha. Hiiki isaa wal in rukkutuu, haa ta'uu malee barreesitootni biraa baay'ee kan isaan giddisiisuu kan barreefamichaa hiika isa guddaa dha. Dandeetti barreessu miti.

▣ **"Waamamuudhaan"** giddu galleessi kunni keeyata booz ammaati. Phaawulos ergamaa jedhamee akka waamamu akkasumas kiristaanootni Qorontos qulqulloota jedhamani waamamaniiruu (Roomee 1:7). Boqonnaa kana keessatti 9:24, 24, 26, 27, 28, kan argamuu fillamuu ulfaataa ta'ee hundee amantii hubadhu.hundeefmni kun kan argisiisuu Waaqayyoo isaaniin kan inni ittin waamee gocha ka'umsaa fi bu'aadhaaf kadhata Yesusiin fayyinnaaf waamamuu isaati. Kunnis kadhata itti fufeenya qabuu, waaqeffannaa, fi bu'aa ajajamuuti. Fayyinni, lamaanuu, ka'umsa amantii/deebii qalbii jijjiiraanaa fi amanti itti fufeenya qabu/ deebi qalbi jijjiiraanaati. Mata duree addaa waamamuu 1:1 irratti ilaali.

▣ **"Qulqulloota"** (Hagioi) Kakuu Moofaatti haala xin-waaqummaa tiin "qulqulluu" jecha jedhuu wajjin adeema. (Kadosh) hiiki isaa "hojii Waaqayyoof adda ba'uu" (I Qorontos 1:2, 2 Qoarontos 1:1, Roomee 1:1, Filliphisu'us 1:1, Qolasihaas 1:2). Innis kakuu haaratti kan lakkoofsa baay'eeti. Filliphisii'uus (4:21) ala tokkoo kan argamuu irraa kan hafee, haa ta'uu malee, achitis ta'uu, fayyadama irraa kan oolee walitti qabaatti. Fayyuu jechuun kan kakuu isaa kan amantii, maatii amantootaa, qaama Kiristoos kutaa hawwaasaa ta'uu dha.

Sabni Waaqayyoo qulqulloota tola Yesuusiin argamee irraa kan ka'e (Roomee 4, II Qorontos 5:21, Galaatiyaa 3) jireenyi qulqullummaa akka jiraataniif fedha Waaqayyooti (1:4, 4:1, 5:27, Qolali'aas 1:22, 3:12). Amatootni lamaan isaa jechuun qulqulluu akka ta'an labseera (ejjennoo qulqullq'uu fi qajeelfama jireenya qulqullummaa (qulqullummaa itti fufeenya qabu). Qajeelaa ta'uu fi qulqulla'uu mirkanaa'uu kan qabuu wali wajjinidha!

## MATA DUREE ADDAA: QULQULLOOTA

Kun jecha Giriikii, kan jecha Hibruu isa, Kadash, jedhuu fi wanta, nama yookiin iddoo YHWH'n qofti akka itti fayyadamuuf adda ba'e kan agarsiisu, bakka bu'udha. Akka afaan Ingiliziitti yaada 'the saerel' jedhu kan agarsiisudha. YHWH'n akkaataa (Hafuura, umamaa kan hin taane, bara baraan kan jiraatu) fi amala (quqlullummaa) isaatiin nama irraa adda kan ta'edha. Inni safara wanti hundumtuu ittiin madaalamuu fi wanta hundumaattis fardaamudha. Innis sammuu namaatti ol kan ta'e (qulqullummaa, ogummaa fi beekumsa isaatiin), Quqluluu isa tokkoo fi Qulqulluu isa biraadha.

Waaqayyo namni akka isaa wajjin jiraatuuf uume, garuu kufaatiin namaa (Uma. 3), Waaqayyo isa qulqulluu fi nama isa cubbamaa gidduutti gufuu walitti dhufeenyaa fi miiraa uume. Waaqayyo uumama isaa isa yaaduu danda'u kana deebisuu fo'ate; kanaaf, Ini sabni isaa "qulqulluu" akka ta'aniif ni waama (cf. Lew. 11:44; 19:2; 20:7,26; 21:8). Walitti dhufeenya amantii YHWH wajjin qabanii kakuu isa keessatti qabaniin sabni isaa ni qulqullaa'u, garuu qulqulluu ta'anii akka jiraatnaiifis waamamaniiru (cf. Mat. 5:48).
Jireenyi qulqullaa'aan kun, amantoonni karaa hojii fi jireenya Yesuus Kiristoosiin guutummaatti fudhatama waan qabaniif, akkasumas Hafuurri Quqlulluun sammuu fi laphee isaanii keessa sababii jiruuf, ni danda'ama. Kun wanta dhugaa hin fakkaanne, garuu kan dhugaa ta'uu danda'u uuma. Kunis

1. Sabii quqlulluu ta'uu Kiristoosiin qulqullaa'uu
2. Sababni Hafuurichi jiruuf, qulqulluu ta'anii jiraachuutt waamamuu.

Amantoonni "qulqulloota" (hagioi)dha. Sababiin isaas jireenya keenya keessa (1) fedhiin isa qulqullu

(abbaa); (2) Hojiin ilam isa qulqulluu (Yesuus); fi (3) Hafuurri qulqululluun waan jiraniifidha.
Kakuu Haaraa keessatti quqlulloota kan jedhu yeroo hundaa baay'ina agarsiisa (Fil. 4:12 irraa kan hafe, achitti iyyuu garuu yaada baay'ina agarsiisu of keessaa qaba). Fayyuun, qaama maatii, qaamaa, ijaarsaa ta'uudha! Wangeelatti amanuu dhuunfaatti fudhachuudhaan jalqaba, garuu walitti dhufeenya/hordoffii walitti fufiinsa qabu barbaada. Nu'i hundumti keenya kennaa qabna (cf. 1Qor. 12:11) Kunis, fayyaa, guddinaa, fi nagaa qaama Kiristoosiif waldaaf (cf. 1Qor. 12:7) kan ta'udha. Nu'i akka tajaajilluuf fayyine! Qulqullummaan amala maatiiti!

▣ **"Bakka hundumaa kan jiran wajjin"** Phaawulos gaalee kana kan fayyadamee amantoota Qorontos kan waldaa ishee guddoo qaama maatii ta'u isaanii hubachisuudhaaf. Isaanis kan fincilanii fi barumsa addaa qabachuudhaa fi mirga hin qaban. Isaan dirqamatti Kristoosii fi qaama guutuu hundee amantii ta'e gochaaniis wal fakkaachuutu irra jira (4:17, 7:17, 11:16, 14:33).

▣ **"Maqaa Gooftaa keenyaan kan waamaman"** kun Kiristaanaa ta'uu argisiisaa (hojii Ergamootaa 2:21, 22:16, Roomee 10:9:13) haa ta'uu malee waaqeffannaan itti fufeenya qabu (jechuu, kan Kakuu Moofaa fayyadmni maqaa Seera Uumama 4:26, 12:8, 26:25 kun giddu galleessa kan ammaa keeyata Booziti. Innis Kristoosi wajjin kan jiraatu kan daqiiqaa daqiiqaatti walitti dhufeenya ibsu (jechuu, Phaawulos irraa "Kristoosiin" wajjin wal fakkaataa xin-waaqummaa kan qabu) fi fillannoo bilisaa dhuunfaa cimsa kan laatu. Mata duree addaa 1:10 ilaali.

▣ **"Kan isaanii fi kan keenya Gooftaa"** kunnis gaalee kan biraati. Kan amantootaa hundumaatii fi tokkummaa waldoota Kiristaanaa argisiisa. Yesus gooftaadha, kan kiristaanoota hundumaa tokkummaa wali galaa Qorontos dabalatee. Phaawulos mataa isaatii fi Soosteenisiin kan ibsuu Qorontosii wajjin gaalee kanaan. Isaan hubachuudhaaf kan barbaachisee (1) Isaanii tokkummaa amantootaa baay'ee keessaa tokko ta'uu isaaniitii fi (2) Innis Phaawulos isaan keessaa akka isaan tokkoo isaaniif.

## I Qorontos 1:3

**3 Waaqayyo abbaam keenya gooftaan keenya Yesus Kristosis ayyaana, nagaas isiniif haa kennu*!**

**1:3 "Ayyaana"** Phaawulos kan baratamee xalayaa Girikii bantu "nagaa" chrein, gara hin barataminitti gosa kiristaanaa, jijjireera. Dubbifama wal fakkaata gara qabutti charis (Roomee 1:7, II Qorontos 1:2, Galaatiyaa 1:3, Effeessoon 1:2, Filliphuus 1:2, 2 Tessoollonqee 1:2, Fillimoonaa 3).

▣ **"Nagaa"** ayyaana kan baratamee nagaa Girikii akka ibsu hundumaa, "nagaa" akkasuma kan baratamee nagaa Ibiroota Shalom callaqisiisa. Shaaloom jechii jedhuu Ibirootaa fi nagaadhaa fi dhaamsa argisiisa. Innis kan argisiisuu rakkinni akka in jiraannee qofa miti. Haa ta'uu malee kan gaarummaa kan fayyinnaa jiraachuu isaati male. Kan Phaawulos nagaa dhaabataan dhufuu kan danda'uu Seera lakkoobsa irraa 6:25-26 ta'a, kunnis lamaanuun isaani ayyanaa fi nagaan yeroo uumaman. Haala barumsa Waaqayyumaatiin ayyanni yeroo hundumaa nagaa dursa, garuu lamaanuu argamuu kan danda'an Kristoosii wajjin kan ta'u walitti dhufeenya amantaati (jechuun, lamaan isaanituu wali wajjiniis adda addaaniis).

## Mataduree Addaa: Nagaa (SHALOM)

Kan Warra Ibrootaa sagaleen (BDB 1022; KB 1532) Warraa halalee waliin firoomuun isaa kan beekameedha.

A. Akkadiyaan
   1. Miidhaan kan hin arganne ta'uu isaa
   2. Eeguu
   3. Haala gaarii ta'uun
B. Urgaartiik (Warra kKana'aan ta'uu)
   1. Miidhaan kan hinarganne ta'uu
   2. Fayyaa
C. Arabiffa
   1. Fayyaa ta'uu
   2. Haala gammachiisaa ta'u

D. Araamiffa (Aramaic)
   1. Gonkiffa ta'uu
   2. Gara xumuraatti fiduu gumaleessuu
   3. Nageenya xumuruu
   4. Miidhaa malee ta'uu
E. Kan Warra Ibrootaa hiikoon
   1. Raawwachiisa
   2. Ta'eewwaniin
   3. Fayinaan
   4. Nageenyaan

Harra *shalom* kan jedhu jechi nageenya Inraayisxootaa tiif kan geggeessa ibsadha. Innis ammayyu kan caqasu inni hamaan sun akka waan hinjirreettidha. (Jechuunis, jireenyatti boqochuu). Innis kan caqasuu sammuutti kan hin taane fayina fi boqonnaa dha.

▣ **"Abbaa keenyaa Waaqa keenyaa fi Gooftaa keenya Yesus Kiristoos"** lamanuu "Ayyaana" fi "nagaa" kan dhufan abbaa fi ilma irraati. Abbaa fi ilmii haala namummaatiini karaa seerlugaatiin akka tokkootti firoomeera (jechuun, durgalee (preposition) wal madaalchisuu tokkoo, garuu goochimaa wajjin walitti dhufeenya kan qabu (object) lama). Kunni Kakuu Haaraatti barreessuu barratamee dha. Waaqummaa Yesus Kristoos mirkaneesuudhaaf (1 Tessoollonqee 1:1, 3:11, 2 Tessoollonqee 1:2, 12, 2:16). Kan Kakuu Moofaa waamichi Waaqayyoo Yesusiif ta'uun isaa kan ol fakkaatu dhugaa mirkana'uu dha (jechuun, Gooftaa) akkasumas tokkoon kan kakuu moofa dhugaan "kan Gooftaa guyyaan" amma Yesusiif ta'eera ("Guyyaan gooftaa keenya Yesus Kristos" lakk.8).

"Gooftaan Yesus Kristoos" kan jedhuu waamichi 1:1 qabsiisa jiruu ilaali.

## Mata duree addaa:Abbummaa Waaqayyoo

I. Kakuu Moofaa
   A. Waaqayyoo uuma ta'ii isaatiin galumsa abbaa jedhu qaba.
      1. Seera Uumamaa 1:26-27
      2. Milkiyaas 2:10
      3. Hojii Ergamoota 17:28
   B. Abbaan Masihiidha galumsi baay'een fayyadama irra kan oole
      1. Abbaa Israa'el (fillamuudhaan)
         a. "Ilma" Seera ba'uu 4:22, Keessa deebii 14:1, 39:5, Isaayaas 1:2, 63:16, 64:8, Ermiyaas 3:19, 31:20, Hosee 1:10, 11:1, Milkiyaas 1:6.
         b. "Ilma angafa" Seera ba'uu 4:20, Ermiyaas 31:9
      2. Abbaa mootoota Israa'el (Masihii)
         a. 2 Saamu'eel 7:11-16
         b. Faarfannaa 2:7, Hojii Ergamootaa 13:33, Ibiroota 1:5, 5:5
         c. Hosee 11:1, Maatihos 12:15
      3. Maatii jaallachuu Masihaa
         a. Abbaa (jecha dhokataa)
            (1) Mucaa isaa hamata Keessa 1:31
            (2) Seera barsiisa Keessa deebii 8:5, fakkeenya 3:12
            (3) Kennuu (jechuun, seera ba'uu) Keessa deebi 32:1
            (4) Raawwate hin dhiisuu Faarfannaa 27:10
            (5) In jaallata Faarfannaa 103:13
            (6) Abbaa budeennaa/geggeessa Ermiyaas 3:4
            (7) Fayyisaa/ haraara qabeessa Ermiyaas 3:22
            (8) Haraara kan kennuu Ermiyaas 31:20
            (9) Leenjisaa Hosee 11:1-4
            (10) Mucaa addaa Milkiyaas 3:17

b. Haadha jecha dhokataa
   (1) Raawwatee in dhiisuu Faarfannaa 27:10
   (2) Jaalala haadha hoosiftuu Isaayaas 49:15, 66:9-13 fi Hosee 11:4 (kan yaadamu barreeffama sirratu wajjin, “waanjoo” gara “mucaa xiqqaa”)

II. Kakuu Haaraa
   A. Sadan waaqa tokkoo (sadan isaani hundumtuu luqisii irratti xuqaman)
      1. Wangeeloota
         a. Maatihos 3:16-17, 28:19
         b. Yohannis 14:26
      2. Phaawulos
         a. Roomee 1:4-5, 5:1, 5, 8:1-4, 8-10
         b. I Qorontos 2:8-10, 12:4-6
         c. II Qorontos 1:21, 13:14
         d. Galaatiyaa 4:4-6
         e. Effeessoon 1:3-14, 17, 2:18, 3:14-17, 4:4
         f. 1 Tessoolloonqee 1:2-5
         g. 2 Tessoollonqee 2:13
         h. Titoo 3:4-6
      3. Pheetiros 1 Pheexiros 1:2
      4. Yihuuda lakk 20-21
   B. Yesus
      1. Yesus akka “mucaa tokko” Yohannis 1:18, 3:16,18, 1 Yohannis 4:9
      2. Yesus akka “mucaa WaaWaaqayyoo” Maatihos 4:3, 14:33, 16:16, Luqaas 1:32, 35, Yohannis 1:34, 49, 6:69, 11:27
      3. Yesus akka mucaa jaallatamaa Maatihos 3:17, 17:5,
      4. Fayyadama Yesus abbaa Waaqayyoodhaaf Maariqoos 14:36
      5. Bakka maqaa Yesus fayyadama, lamaan isaa, kan isaatii fi kan abbaa wajjin walitti dhufeenya qabnu argisiisa.
         a. “Abbaa koo” Yohannis 5:18, 10:30, 33, 19:7, 20:17
         b. “Abbaa keessan Maatihos 17:24-27
         c. “Abbaa keenya’ Maatihos 6:9, 14:26
   C. Baay’ee isaani keessaa inni tokkoo jecha dhokataa maatii innis Waaqayyoodhaani sanyii namaa gidduu kan jiruu kan dhi’aatee walitti dhufeenya kan ibsu
      1. Waaqayyo akka abbaa
      2. Amantootni akka
         a. Mucaa Waaqayyoo
         b. Ijoollee
         c. Waaqayyoo irraa kan dhalatan
         d. Lama kan dhalatan
         e. Ijollummaa kan qaban
         f. Kan dhalatan
         g. Maatii waaqayyoo

## I Qorontos 1:4-9

**4 Ayyaanni Waaqayyoo Kristos Yesusiin waan isiniif kennameef, ani yeroo hundumaa sababii**
**keessaniif Waaqayyo koo nan galateeffadha*. 5 Isin waanuma dubbatan hubachiisuudhaaf, karaa hun**
**dumaa kennaa guutuu isumaan argattanittu*. 6Wantii waa’ee Kristosiif dhugaa ba’ame isin gidduutti**
**hundee godhatee jabaateera*. 7 Kanaaf lamma mul’achu gooftaa keenya yesus Kristos eeggachaa utuu**
**jirtanii, kennaa hafuuraa keessaa topkko illee isinitti hin hiratu*. 8 Guyyicha gooftaa keenya Yesus Kristos**
**sanatti akka isin warra yakka hin qabne taataniif, gooftichi hamma dhuma barichaatti isin in cimsa*. 9**
**Waaqayyo, inno gara tokkummaa ilma isaa Yesus Kristos gooftaa keenyaatti isin waame, amanamaa dha*.**

**1:4 "Yeroo hunduumaa waa'ee keessanifii Waaqayyoon nan galateefadha"**kunni gocha amma kan argisiisuu yeroo ta'uu innis kan ibsu adeemsa irra kan jiruu gochaa dha. Luqisiin 4-9 Phaawulos Waaqayyoof galataa kan dhi'eese, jechuun kanaaf rakkina irra kan jirtuu waldaa kiristaana jireenya guddachaa kan jiruu eebba wantootaati. Jaarraa tokkoo seensa xalayaa irrati galata dhi'eesuun haala aadaatiin wanta eegamuu dha. Tokkoo illee seensa irratti galata malee II Qorontos (yookaan Galaatiyaa) irratti in jiru.

Laman Girikii durii barreefama adda ta'e qabu (jechuun, a* fi B) isaaniis "kan koo" kan jedhu bakka maqaa bu'u, ta'us, barrefamootni Girikii P[61], a[2], A, C, D, F, G, akkasumas Valgeet, Soriyaanoota Kobitiki fi Harmaniyaa hiiki isaa garuu qabateera. UPS[4] barreefamni Girikii ammachuun isaa sadarkaa argisiisaa (jechuun, sirritti).

## Mata dure addaa: galata dhi'eesu

I. Seensa
   A. Ta'uu kan qabuu amala amantootaati, Waaqayyoodhaaf
      1. Kunni kara Kristoosi burqaa galata Waaqayyoof qabnuu dha
         a. II Qorontos 2:14
         b. II Qorontos 9:15
         c. Qolasiyaas 3:17
      2. Kun tajaajilaa fi ta'uu kan qabu yaada keessatti I Qorontos 1:4
      3. Kun itti fufeenya kan qabu qabatamaa mootummaa Waaqayyootiin
         a. Mul'ata 4:9
         b. Mul'ata 7:12
         c. Mul'ata 11:7
      4. Kun itti fufeenya kan qabu qabatamaa kan amantootaati
         a. Qolasiyaas 2:7
         b. Qolasiyaas 3:17
         c. Qolasiyaas 4:2

II. Ragaa macaafa Qulqulluu
   A. Kakuu moofa
      1. Jecha hundee qabeessa qaba
         a. *yadah* (BDB 392), hiikii isaas galata
         b. *todah* (BDB 392) hiiki isaas galata dhi'eesu kan ta'e innis yeroo hundumaa fayyadama irra kan oolu aarsa dhi'aatuun (II Qorontos 29:31, 33:16)
      2. Daawiti adda kan ta'an Leewota Waaqayyooni ol qabuudhaan akka galateefatanii fi rammadeera. Kunnis Solomooniin Hisqi'aasii fi Nahimiyaan itti fufeera.
         a. 1 Seenaa 16:4, 7, 41
         b. 1 Seenaa 23:30
         c. 1 Seenaa 25:3
         d. 2 Seenaa 5:13
         e. 2 Seenaa 7:6
         f. 2 Seenaa 31:2
         g. Nahimiyaa 11:12
         h. Nahimiyaa 12:24, 27, 31, 38, 46
      3. Faarfannaani kan Israa'el ol qabuudhaaf walitti qabama galataati
         a. Yaahiwweedhaaf galatni kan dhi'aate amanamummaa kakuu isaatiif jiru
            (1) Faarfannaa 107:8
            (2) Faarfannaa 103:1
            (3) Faarfannaa 138:2
         b. Galata dhi'eessuun qaama faarfannaa mana qulqullummaati
            (1) Faarfannaa 95:2
            (2) Faarfannaa 100:4
         c. Galanni aarsaa wajjin ta'a
            (1) Faarfannaa 26:7

(2) Faarfannaa 122:4

d. Galata dhi'eessuun Yaahiwweedhaaf gocha laata
   (1) Harkaa dinaa oolchu
      (a) Faarfannaa 7:17
      (b) Faarfannaa 18:49
      (c) Faarfannaa 28:7
      (d) Faarfannaa 35:18
      (e) Faarfannaa 44:8
      (f) Faarfannaa 54:6
      (g) Faarfannaa 79:13
      (h) Faarfannaa 118:1, 21, 29,
      (i) Faarfannaa 138:1
   (2) Mana hidhaati oolchu (jecha dhokataa), Faarfannaa 142:1
   (3) Du'a oolchu
      (a) Faarfannaa 30:4, 12
      (b) Faarfannaa 86:12-13
      (c) Isaayaas 38:18-19
   (4) Inni cubbamaa in salphisa tolaa immoo ol qaba
      (a) Faarfannaa 52:9,
      (b) Faarfannaa 75:1
      (c) Faarfannaa 92:1
      (d) Faarfannaa 140:13
   (5) Inni araara godha
      (a) Faarfannaa 30:4
      (b) Isaayaas 12:1
   (6) Innis saba isaatiif in kenna
      (a) Faarfannaa 106:1
      (b) Faarfannaa 111:1
      (c) Faarfannaa 136:1, 26
      (d) Faarfannaa 145:10
      (e) Ermiyaas 33:11

B. Kakuu Haara
   1. Ol ol qabuu fi galata gochuudhaaf fayyadama irra kan oole jecha guddaa (kitaabollee waabii muraasa)
      a. *eucharisteō* (I Qorontos 1:4, 14, 10:30, 11:24, 14:17, 18, Qolqsihaas 1:3, 12, 3:17)
      b. *eucharistos* (Qolasihaas 3:15)
      c. *eucharistia* (I Qorontos 14:16, II Qorontos 4:15, 9:11, 12, Qolosihaas 2:7, 4:2)
      d. *charis* (I Qorontos 15:57, II Qorontos 2:14, 8:16, 9:15, 1 Pheexiros 2:19)
   2. Fakkenyummaa Yesus
      a. Inni waa'ee irbaata in galateefata ture
         (1) Luqaas 22:17, 19 (I Qorontos 11:24)
         (2) Yohannis 6:11, 23
      b. Inni kadhata deebi argataniif in galateefata ture, Yohannis 11:41
   3. Galata dhi'eesudhaan fakkeena biro
      a. Waaqayyo Kristoosiin waan nuu laateef II Qorontos 9:15
      b. Nyaataaf
         (1) Hojii Ergamoota 27:35
         (2) Roomee 14:6
         (3) I Qorontos 10:30, 11:24
         (4) 1 Ximootihoos 4:3-4
      c. Fayyisuu, Luqaas 17:16
      d. Nagaa dhaaf Hojii Ergamoota 24:2-3
      e. Balaa irraa oolchu

(1) Hojii Ergamoota 27:35
(2) Hojii Ergamootaa 28:15

f. Haala hundumaaf Filiphisihuus 4:6
g. Namoota hundumaaf keessumati geggeesitootaaf 1 Ximootihos 2:1-2

4. Kan galata dhi'eesu bias biraadhan
   a. Amantootaa hundumaatiif fedha Waaqayyootiin 1 tessoollonqee 5:18
   b. Jireenya hafuura qulqulluutiin raga dha Effessoon 5:20
   c. Isatti dhiba'uun cubbuudha
      (1) Luqaas 17-16-16
      (2) Roomee 1:21
   d. Inni cubbuu kan gatii dhabsiisuu dha Effeessoon 5:4
5. Galateefachuu Phaawulos
   a. Eebbi isaa waldaa kiristaanaatiif
      (1) Waangeela labsuudhaan
         (a) Roomee 1:8
         (b) Qolasihaas 1:3-4
         (c) Effessoon 1:15-16
         (d) 1 Tessoollonqee 1:2
      (2) Ayyaana fudhachuuf
         (a) I Qorontos 1:4
         (b) II Qorontos 1:11, 4:15
      (3) Wangeella fudhachuuf 1 Tessoollonqee 2:13
      (4) Wangeella labsuuf tokkummaa godhamuu Filliphisuus 1:3-5
      (5) Ayyaanatti guddachuuf 2 Tessoollonqee 1:3
      (6) Waa'ee fillamuu beekuu 2 Tessoollonqee 2:13
      (7) Eebbaa hafuuraatiif Qolasahiis 1:12, 3:15
      (8) Waa'ee tola kennuu II Qorontos 9:11-12
      (9) Waa'ee amantootaa haara gammachuu qaban 1 Tessoollonqee 3:9
   b. Kan dhuunfa isaa galata dhi'eessu
      (1) Waa'ee amanaa ta'uu isaa qolasihaas 1:2
      (2) Hidhaa cubbuutti bilisa ba'uu isaa Roomee 7:25, II Qorontos 2:14
      (3) Waa'ee amantoota birotiif hojii aarsaa Roomee 16:4, II Qorontos 8:16
      (4) Waa'ee waan tokko tokkoo gochaa hin uumamne I Qorontos 1:14
      (5) Waa'ee kennaa hafuuraa dhuunfaa I Qorontos 14:18
      (6) Waa'ee guddina hafuuraa hiri'oota isaa Fillimoonaa 4-5
      (7) Tajaajilaaf kan ta'uu dandeeti qaama 1 Ximootihoos 1:12

III. Guduunfaa
   A. Galata dhi'eesuun Waaqayyoof kan laanu deebii giddu galleessatti al tokkoo erga fayyinee booda. Innis kan dhi'aatu galumsa jechaatiin qofa miti, haa ta'uu malee galata tooftaa jireenyaati.
   B. Waan hundumaatiif galata dhi'eessuun eegumsa Waaqayyo kan jiruu jireenya bilchaateef galma (1 Tessoolloonqee 5:13-18)
   C. Galataa dhi'eesuun kan daddabalamee cimuu dha, Kakuu Moofaatiis ta'ee Kakuu Haaraatti. Siifis qabatamaa dhaa?

▣ **"Ayyaana Waaqayyootiin, innis Kristoos Yesusiin kan isini kenname"** Phaawulos cimsa kan itti laatu ejjeennoo isaanitii fi kennaa kara hojii Yesus Kristoosiin xumuramee kan ta'ee, ayyanaa waaqayyootiin ta'uu isaati, yaali dhuunfaa isaanitiin utuu hin ta'in (jechuun, kan xumuramee hojii irra olee keeyata Booz Effeessoon 2:8-9). Kunnis xiyyaafannoon kan barbaachiisu of jajuu hafuuraa isaani dhabamsiisuuf.

1. Kennaa kan qaban geggeessootoota isaanii
2. Kennaa dhuunfaa isaanii
3. Ayyuu isaanii (seena duubaa) (jechuun, aadaa Girikii)
4. Ejjeennoo gamtaa isaanii (jechuun, aadaa Roomaa)

**1:5 “Waan hundumaatiin isaan sooromtanituu”** kun kan xumuramee hojii irra kan oole kan argisiisuu lakk. 4 irratti kan jiruu xin-waaqummaa dhiibbaa wajjin walitti dhufa (jechuun, karaa Yesus Kristoos ayyana nuuf kenname). Gochama hundumaa hojii irra oole lakk.4-9tti qaami xiyyaafataan Waaqayyoo dha.
Sadan tokkummaa kan ta’ee Waaqayyoo amantootaa fi kan isaan barbaachisan hundumaa in kenna (jechuun, kennaa hafuuraa hundumaa, lakk.7). mata duree addaa Sillaassee 2:10 ilaali.

Phaawulos gochama kana sadarkaa sadiin akka itti fayyadamee hubadhu (jechuun “hundumaa” yookaan “wanta hundumaa”). Waaqayyoo raawwatee kennaa dha. Inni ijoollee namaa humna uumu, beekumsa, yookaan ejjennoo gamtaa isa hin barbaachisu.

▣

**NASB** **“Haasa hundumaan ta’ees beekumsa hundumaatiinis”**
**NKJV** **“Jecha hundumaanii fi beekumsa hundumaan”**
**NRSV** **“Waan hundumaan haasa ta’ee fi beekumsa”**
**TEV** **“Wantoota hundumaa haasa hundumaa fi beekumsa hundumaa dabalatee”**
**NJB** **“Jecha hundumaa fi beekumsa”**

Hiiki Filiphis “jecha afaan kee hangaa hubannaa lapheeti” kan jedhu qaba. Isaan fuula lamaan qabu turan. Kan Girikii xiyyaafatu (jechuun, booda irra Ginoositik) of jajuu hafuuraa, waldaa Qorontositti babalatanii kan turan (13:1-3). Isaan kennaa isaaniitii fi gochaa isaaniin of jajuu turan qooda Kristoos. Kennaa kana kan isaaniif kennee Waaqayyo ture of jajuu namaatii fi tokkoo illee bakka hin qabaane (Effeessoon 2:9). Mata duree addaa of jajuu 5:6 ilaali.

Phaawulos fakkeenya godhaa kan jiruu beekumsa yaada wixine beekumsa miti, yookaan beekumsa barnoota miti, haa ta’uu malee dhugaan Kiristaanaati fi akkamitti jireenyatti akka hiikamuudha (lakk.8-10, Roomee 14:1-15:13). Beekumsi namaa in ijaara garuu beekumsi Waaqayyo in qulleessa akkasumas gara tokkummaa kiristaanummaati geggeessa. Beekumsi kennaa Waaqayyoo waldaa kiristaanaati baay’ee barbaachisa.

**1:6 “Kiristoosiin kan ilaalatee haala dhuga baatiin illee”** ergaman lallaba Wangeellaatiin, humna hafuuratiin kan guutamee isaan amantootni kennaa hafuuratiin soroseera. Akkuma eebba Waaqayyoo kan biro fi kennaawwan isaan kun karaa Kristoos kan barbaadan itti gaafatamummaan kan itti kennamu laphee namoota irratti dhangala’a.

▣

**NASB, NKJV** **“Isinii mirkanaa’eer”**
**NRSV** **“Isin giddutti cimeera”**
**TEV** **“Isiin giddutti akka inni cimuu godhameera”**
**NJB** **“Isiin keessatti hundee fageefateera”**

Jechii Girikii kun *bebaios*, yeroo ta’uu innis yaada hiika sadii qaba.

1. Innis sirritti, dhugaa yookaan amanuu kan dandeessuu dha (Roomee 4:16, II Qorontos 1:7, Ibiroota 2:20, 3:6, 14, 6:19, 2 Pheexiros 1:10, 19).
2. Amanamummaan waan tokkoo kan ittin argamuu yookaan adeemsi ittiin hundaa’uu (Roomee 15:8, Ibiroota 2:2, Loowuu fi Niidaa kan Girikii afaan Ingilli hundee jechaa Kakuu Haarakeeya tokkoo 340, 377, 670). Louw and Nida, *Greek-English Lexicon of the New Testament*, Vol. 1, pp. 340,377,670).
3. Jaarraan tokko waraqaan Kooyinii, Gibxitti kan argamee jecha ogummaa seeraaf waabdii dha. (Moltoonii fi Miligaan kan Girikii Kakuu Haaragalmee jechootaa fuula 107-108) Moulton and Milligan, *The Vocabulary of the Greek New Testament*, pp. 107-8).

Asitti kan inni argisiisuu gidduu isaanitti kan mul’atee humna Waaqayyootti (jechuun kennaa hafuuraa). Innis kan biroo kan hafuura mul’isan argisiisuu danda’a. sababni isaa innis kan biraa kan xumuramee hojii irra oole argiisiisaa ta’u isaati, lakk.5 wajjin wal cina kan ta’e (akkasumas immoo kan xumuramee hojii irra oolee keeyata lakk.4), innis immoo hafuura qulqulluu keessatti gocha Waaqayyoo isaan giddutti argisiisa.

**1:7**

**NASB** **NJB** **“waan ta’eef kennaan tokko iyyuu isaanitti hin hira’atu”**
**NKJV** **“waan ta’eef kennaa tokku iyyuu isinitti in hir’atu”**
**NRSV** **“Waan ta’eef tasumma iyyuu kennaan hafuura qulqulluu isinitti in hir’atu”**
**TEV** **“Waan ta’eef eebbi tokko illee fudhachuun isinitti in hir’atu”**

“Kennaa” jechi jedhuu charisma dha. Jechi kun “ayyaana” jecha jedhuu wajjin adeema. Charis, innis xiyyaafannoo kan kennuu kennawwan hafuuraa bu’a wali galaatii fi Waaqayyoo irraa akka kennamani dha (12:7,

11). Isaaniis kan isaan ta'an Kristoosiin kabajuudhaaf hafuuraan yookaan nama dhuunfaa amantoota osoo hin ta'in (boqonnaa 12-14). Kennaan barbaachisaa ta'an hundumtuu walda Qorontos turan akkuma waldaa kan biraa hundumaa (lakk.5). Waaqayyo irraa hafaa kenneera (jechuun, jabaa dirribbi alta'aa "dhabisaa wajjin kan wal qabate"saba isaatiif, dhuufaaati Yesus Kristoos gidduutti yeroo jiruu karaa tajaajila hafuuraatiin.

▣ **"Dheebuudhaan eegaa"** jechi Girikii kun ta'uu kan qabu.

1. Masihicha abdii dhugaa obsaan eeguu (Ibiroota 10:13, 1 Pheexiroos 3:20)
2. Masihiicha dheebuudhaan eeguu (Roomee 8:19, Roomee, 23, Roomee 25, Filliphisiis 3:20, Ibiroota 9:28)

NKJV kan Amamaqii fi Aha'aati hiikii isaani lakk.2 yeroo hordofan, NRSV,TEV fi NJB immoo lakk. Hordofu

▣ **"Mul'achuu Gooftaa keenya Yesus Kiristoos"** jechi Girikii kun *apocalupsis* dha. Inni yeroo hundummaa "mul'ata" kan jedutti hiikama. Jechi isaa kan hundaa'ee kan jedhuu golgaa soqoluu dha, waan tokkoo ilaaluudhaaf. Innis isa dhumaa Kakuu Haaramata duree Macaafaati. As irratti kan argisiisuu deebi'u Kristoosi dha (lakk.8). mata duree addaa jechi Kakuu Haaradeebi'u Kristoos 15:23 ilaali.

**1:8**
**NASB, NKJV "Innis amma dhumaatti kan isin jabeesu"**
**NRSV "Inni immoo amma dhumaatti isin jajjabeessa"**
**NEV "Inni amma dhumaatti ciminaan isin eega"**
**NJB "Inni amma xumuraatti jabina isiniif kenna itti fufa"**

Lakk.4-9 wali gala gochama hojii irra oole gocha kan argisiisuu Waaqayyoo dha. Ta'us lakk.8 kan qabatamaa hin taanee dha. Tarreesitootni tokko tokkoo kan isaan yaadan kutaa kana keessatti yeroo jalqabaatiif Kristoos "Inni" kan jedhuu heerameera. Innis qabiyyee dubbifama kan wayyutti kan tilmaamu Waaqayyo abbaa ammas amantootaa kan simatuu fi fudhatamuu isaani kan jabeessu qaama damaqaa ta'uu isaati.

"Jabeessuu" jechii jedhuu lakk.6 fayyadama irra oolera. Waldatiin kun jabaachuutuu ishee irraa barbaachisa dhaabataadhaaf kan hin raafamne taate. Kun isa tokkootii fi isa guddaa kayyoo ergaa Phaawulos. Wangeeli Waaqayyoo jabaateera (jechuu, lakk.6) kanaafiis isaan gargaarsa Waaqayyootiin in jaabatu (jechuun, lakk.8). II Qorontos 2:8 jaallali isaan iosaaf qaban akka mirkanaa'u barbaadeera. Macafaani qulqulluun wantoota wal fakkaatan lamaa (Paaradoksi) dhugaa qabu, amantootni Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenyi isaan qaban kabaja.

1. Innis wali galtee uumamaa ni qaba, kanaafis, inni jalqabummama irraa fi itti fufeenya kan qabu amantaadhaa fi deebii qalbi jijjiranaa of keessatti qabata. Walitti dhufeenya keenya jabeesuudhaaf of eegachuun nurra jira.
2. Innis amanamummaa Kristoosiin kan eegameedha (Yihudaa 24:. Eenyu illee walitti dhufeenya keenya nu duraa hatuu in danda'u (Yohannis 6:37, 39, 10:28, Roomee 8:38-39). Eeguudhaaf cimuu ilaalcha lamannuu macaafa Qulqulluu dha (Effeessoon 2:8-10 fi Filliphisihuus 2:12-13). Isaanis "kakuu" fuula barbaachisaa lamaa dha.

▣ **"Mudaa kan in qabne"** itti fufee kan jiruu mata duree ilaali.

## Mataduree addaa: Mudaa kan hin qabne, qulqulluun, Cubbuu kan hin qabnee mudaa malee.

A. Ibsa baniisaa
   1. yaadi bu'ura kun humna hafuuraa kan ibsuu dhala namaaf ejjenoo jalqabaati (jechuun uuma. 1 Jannta Eden).
   2. Cubbamaa Loogaa Kun kan konkiffa raawwatee haala tokkummaa sana balleesseera. (Uma. 3).
   3. Namoonni (dhiiraaf dubartiin) Waayoo wajjin kan qaban tokkummaan akka deebi'uuf ni hawwu. Sababiin isaas bifaisaaf fakkaattii isaatiin waan uumamaniif Dha. (Jechuunis Uumama 1:26-27)
   4. Waaqayyo cubbamaa dhala namaa wajjin kara hedduu hojjeta.
      a. Geggeessitoota gaarii (Jechuunis, Abrahaam, Musee, Isaayyaas)
      b. Aarsaa naamusa qabu (Jechuunis Leewota, 1-7)
      c. Fakkeenyota gaarii (Jechuunis Nooh Iyyob)
   5. Gara ga'umsa irratti Waaqayyo Masihii kenne
      a. Akka isaatti ibsa guutuu
      b. Cubbuuf kan ta'u Aarsaa konkumaa.

6. Kirstaanonni cubbuun kan irra hijirre ta'aniu
   a. Daandii seeraan karaa yesuus tola godhamen
   b. Hafuurri Qulqulluun itti fufiinsaan karaa inni hojii hojjetu,
   c. Galmi kirstaanummaa kiristoosiin fakkaachuudha. (Rom3:28-29, Efes. 1-4) Innis dhugaa fakkii waaqayyo nama ta'e sana fakkaachu Yeroo Addaamiif Hewwan dhalanamaa isa kufe sana.
7. Mootummaa Waaqayyo jannata Edeniin kan jiruu tokkichummaa fakkaachuudha. Mootummaan Waaqayyo Bakka Waaqayyo jiruu kan dhuftu Iyyerusaalem Haaraadha. (Miullata 21:2) Lafa Qulqulloofte (2ffa Phexiroos 3:10 Macaafi Ququlluun kan jalqabuuf kan xumuru raga walfakkatuun.
   a. Fira dhiyootokkichummaa dhuunfaa Waaqayyo wajjinii
   b. Iddoo Jannataa (Umama 1-2 fi Mullata 21-22)
   c. Ibsa Raajii Argamuu horiif Michooma (Isaayaas 11:6-9)

B. Kakuu Moofaa
   1. Hedduu kan ta'an sagaleen Ibiraayisxii adda addaa jiru. Gonkumaa Mudaa male eta'u Yaaada bu'uuraa Qulqullummaa kan qabatan isaaniin moggaasuufi Walxaxaa kan ta'e Uumama agarsiisuuf
   2. Hangafoonni jecha gonkumaa cubbuu male eta'uu yokaan Qulqullumma kan qaban bu'uura yaadaa (Akka roobeertiif Giriidist Kakuu Moofaan fakkeessanii Fuula 94-99).
      a. *shalom* (BDB 1022)
      b. *thamam* (BDB 1070)
      c. *calah* (BDB478)
   3. Seeppituuwaajiinti (Jechuun Mana Qulqullummaa durii Macaafa Qulqulluu) Isaan hedduun yaadni bu'uuraa kun gara Koonnee Sagalee Girikiitti hiikamu. Akka Akki
   4. Furtuun bu'uura yaada kan wal qabatuu bu'uura sirna wajjin.
      a. *amōmos* (Seera kessa deebii 29:1, Leew. 1:3, 10, 3:1:, 6, SeerLakk. 6:14)
      b. *Amiantos* fi *aspilus*Ammo kan bahe Hiikoo qaba.

C. Kakuu Haaraa
   1. Bu'uura seera yaadummaa
      a. Cimsaan seera Ibraayisxii Hiikoo kan hiiku *amōmos* (Efesoon 5 27, Filipp. 2:15 1ffa Phex. 1:19)
      b. Hiikaan seeraa Girikii (1ff Qor. 1:8 Qolas. 1:22
   2. Kiristoos Cubbuu kan hinqabne Mudaa kan hinqabne Qulqulluu kan ta'e qofaadha. *amōmos*, Ibroota 9:14, 1ff.Phe. 1:19
   3. Duukabuutonni Kirstoosiin fakkaachuu qabu (*amōmos* Efes. 1:4, 5:27 Filpp. 2:15 qol. 1:22, 2ffa Phex. 3:14 Yihu. Lakk. 24, Mullata 14:5)
   4. Bu'uurri yaada kun waa'e dura buutota mana Qulqullumma faayidaarra oolera.
      a. *anegklētos* "Himata tokko malee" (Xim. 1ffa. 3:10 Tiito 1:6-7)
      b. *anepilemptos*, "Mudaa tokko" male Yookaan "Mudaan kan irra hin jiraanne" (Xim. 1ff 3:2, 5:7, 6:14, Tiito 2:8)
   5. "Mudaa malee" Kan jedhu yadni bu'uuraa *amiantos* faayidaarra kan oolu
      a. Kiristoosiin (Ibroota 7:26)
      b. Dhaaluu kiristaanotaa (1ffa Pheex. 1:4)
   6. "Fayyummaa" Yookaan "fayina" Bu'uurri yaadaa (*holoklēria*) Hoji Ergamootaa 3:16, 1ffa Teslo. 5:23, Ya'iq. 1:4)
   7. "Baleessaa malee" Cubbu kan hiqabne Qulqullummaa kanjedhu bu'uurri yaada kan beekamu *amemptos* (Luq. 1:6, fillip. 2:15, 3:6, 1ffa tesel.2:10, 3:13, 5, 23).
   8. "Yeelloo kan hinhordofne" Kan jedhu bu'uurri yaada kan beekamu *amōmētos* (1ffa Phe. 3:14)
   9. "Yeelloo kan hiqabne" "Mudaa malee" Kan jedhu bu'uurri yaada yeroo hundaa faayidaarra kan oolu olitti kanjiran Sagalee kanqaban keewwataani. (Ximi. 1ff 6:14 Yaa'iqo. 1:27, Phexr. 1:19, 2ff Phex. 3.14)

D. Ibraayisxiif Girikiin kan jiran jechoonni baayina qaba Bu'uura yaada kana kan ibsaniifi faayidaa isaas kan agarsiisan Waaqayyo kanubarbachuisu karaa Yesuusiin Nuuguuteera. Ammammo isa akka faakkaanuuf nu waamaa jira. Amantoonni ejjennoodhaan seerummaa dhaan "Dhugaadhaan" "sirrummaa dhaan."
Yelloomalee" Jedhanii ilaalamu Hojii kiristoosiin. Amma Amanttoonni iddoo isaanii dhaaluufi. "Ifaan deddeebi'aa Inni iffa akka ta'e" (1ffa Yoha.1:1) Waamamuu keessaniif akka ta'uutti deddeebi'aa. (Efeso, 4:1, 17, 5:2) Iyyesuus bifa Waaqayyo deebiseera. Amma Michoomuun dhiyoo nidand'ama garuu Waaqayyo

Amala isaa saba calaqqisiisu akka barbaadu yaadadha Ilmi isaa akkuma godhe hundaa. Nuti kan waamamne Qulqullummaa gadi dhimma ta'eef miti (Maat. 5:20, 48, Efeso. 1:4, 1ffa. 1:13-16). Qulqullummaa mana Waaqayyo seera qofaa miti. Gochaadha male.

▣ **"Guyyaa Gooftaa keenya Yesus Kristoositti"** macaafni Kakuu Moofaa "guyyaan Yaahiwwee" fudhatanii lamma dhufaatii gooftaa Yesusiif fayyadaman. Gooftaan Yesus gooftaan Yesus Yaahiwwee wajjin hojjeeta, uumuudhaan, oolchuudhaani fi firdiidhaan.

**1:9 "Waaqayyo amanamaa dha"** "amantii" jechi jedhu Kakuu Moofaatti isa jabaadhaaf kan hin tochoonne kan jedhu fakkeenyaan agarsiisa. Innis argisiisuudhaaf kan seene haala jecha dhokkataan waan dhugoomfate, amanamummaa, kan ittiin dhaadatan, kan amanate argisiisuudhaaf. Isaan tokkoon isaani iyyuu kan oolchamee fi mucaa namaa kufe in ibsan.kun amanamumaan mucaa namaa kan amanamee ta'uuf yookaan dhaadannoo isaa miti. Haa ta'uu malee Waaqayyoodhaan (Keessa deebiii 7:9, Faarfannaa 39:5, 40:10, 89:1, 2, 5, 8, 92:2, 119:90, Isaayaas 49:7, Roomee 3:3, I Qorontos 10:13, II Qorontos 1:18, 1 Teessoollonqee 5:24, 2 Ximooxihos 2:13). Abdiin isatti amanate amanana malee amanamummaa keenyaan miti! Amanamummaan kakuu galata irraati kan dhangala'u xiyaafannoon macaafa Qulqulluu yeroo hundumaa kan inni ta'u amanamummaa isa irratti malee amanti amantootaa irratti miti. Amantiin eenyuu iyyuu fayyisu hin danda'u ayyana qofa kan fayyisu. Haa ta'uu malee kan nuyii fudhanu amantiidhaan (Effeesson 2:8-9). Xiyaafannoon isaa raawwatee hanga amanti irratti miti (Maatihoos 11:20), haa ta'uu malee abbummaa isaa irratti (Yesus). Abdi keenya kan hin jijjiiree amala Waaqayyo irratti, inni nu waameef abdii kan nuu galee (Milkiyaas 3:6, 2 Qoronxos 1:20).

Amantiin kennaa ayyanaa Waaqayyo Kristoosiin fudhatama (Roomee 3:20, 25, 4:5, 6:23, 9:30, Galaatiyaa 2:16, 1 Pheexiros 1:5). Ijoolleen namaa dirqamatti deebi kennuutuu irra jiraata (jechuun, ka'umsaa fi ta'ee itti fufeenyaan) Kristoosiin kan jiruu ayyaana Waaqayyootiif kennaa haraara (Yohannis 1:12, 3:16-17, 36, 6:40, 11:25-26, Roomee 10:9-13). Waaqayyo ilma namaa kufee wajjin kan inni hajjeetu kakuudhaan. Inni yeroo hundummaa ka'umsa isaa in fudhata (Yohannis 6:44, 65) akkasumas inni mata duree isaa qopheesse daangaa isaa hojjeta (Maariqoos 1:51, Hojii Ergamootaa 20:21). Inni kan kufan ijoollee namaa fayyina mataa isaaniitiin akka hirmaataan iyyama, kakuu isaatiif kennaa deebi kennuudhaan. Deebii dirqisisaan ka'umsa isaa irraa fi itti fufeenyaan amantin ta'uu, qalbi jijjiiraana, aboomamuu, tajaajila, waaqeeffannaa fi cimina.

Mika'eel Maajil hiikaa Kakuu Haaraa fuula 577 lakk.24 yaada guddaa qaba.

"Lakk.5-6 kan jiruu kan yeroo darbee lakk.7 kan yeroo ammaa lakk. 8 kan yeroo raajii ta'uu isaa hubadhu. Waaqayyo karaa galumsa saditiin amanamaadha.

## Mata Duree addaa: Amanuu, Amanachuu, Amantii fi Amanamummaa kakuuu moofaatti rma.

I. Ibsaa Bantuu

Isaan bariums Waaqayyuummaa Yaada rime fayyadamaa taa'uu kan qabu, Kakuu Haaraa fi bay'ee murteessaa akka ta'ee dha. Kakkuu moofaa fi ifatti akka taa'ee osoo hin taane. Inni sirri umatti achii dha. Haa ta'uu malee kan inni mul'atee kan filataman furtuu keewwataa fi namootaa.

Kakuu Moofaa kan waliin make

1. Nama dhuunfa dhaa fi uummatichaa
2. Mudannaa namaa dhuunfaa fi Abbomamuu kakuuwwan

Amantiin mudannaa nama dhuunfaa fi tooftaa jireenya guyya guyyaati innis nama dhuunfaatiif ibsuun ni salphata, ifa jechaan ibsuu irra (jechuun, qayyabannaa jechaa). Kunbifa nama dhuunfaa kan wayyuun kan mul'ate

1. Abirahaamii fi Sanyii isaa
2. Daawwiiti fi Isiraa'ee

Isaan Namooni kun kan isaan wal-argan / kan walitti isaan fidee waaqayyoo dha, akkasumas jireenyi isaanii dhaabbataatti jijjirameera. (kan jirenya muda hin qabnee miti, garu itti fufeenyaan amanti jiru). Qoramsi dadhabbif cimina amantii isaani mull'isa, waaqayyoo wajjin walitti dhufenya qaban, garu hiriyummaa, walitti dhufeenya wal amantaa qabu yeroo hunduma itti fufa! innis qorameera waamameeras, garu inni itti fufa akka kennaa isaaniti fi ragaa tooftaa jireenyaisaani.

II. Isa guddaa hundee jechaa fayyadama isaa.

A. rma (BDB 52)

1. Goochima

a. *Qal* - itti hirkachuuf, kunuunsuuf (jechuun, 2[faa]Mootota 10:1,5; Asteer 2:7, fayyadama barumsa waaqayummaa kan hintaane)

b. Hundee *Niphal* – sirritii mirkanefachuuf ykn cimsuuf, dhaabuu, mirkaneefachuuf, amanamaa ta'uf ykn kan amaanaman

(1) Namaaf,Isaayaas 8:2; 53:1; Erimiyaas; 40:14

(2) Wantotaaf, Isaayaas. 22:23

(3) Waaqayyoof, keessadeebi 7:9,12; Isaayaas 49:7; Erimiyaas 42:5

c. Hundee *Hiphil* – cimanii dhaabachu, amanuu, amanachu

(1) Abrahaam Waaqayyoon amane, seeraa uumama 15:6

(2) Isiraa'elloonni Gibxiitti amanan, seeraa ba'uu 4:31; 14:31 (seera keessa deebii 1:32 kan fallesu)

(3) Isiraa'elloonni Yaahiwwee amanan, isa karaa Musee dubbate, seeraa ba'uu 19:9; faarsaa Dawiti 106:12,24

(4) Akaazii waaqayyooti hin amanne, Isaayaas 7:9

(5) Isatti kan amanu hudumtuu, Isaayaas 28:16

(6) Waa'ee Waaqayyootiif dhugaa amanaman, Isaayaas 43:10-12

2. Maqaa (kan dhiraa) – amanamumaa (jechun, seeraa keessa deebii 32:20; Isaayaas 25:1; 26:2)

3. Dabal gochima dhuguma dhuguman, irratan wali gala, akkasi ta'uu danda'a (seeraa Keessa deebii 27:15-26; 1Mootota 1:36; 1eenaa baraa 16:36; Isaayaas 65:16; Ermiiyaas 11:5;28:6).kun kan "ameenii"kan tokkuma fayyadama waaqefannati, Kakuu Moofaa fi kakuu haara.

B. (tma BDB 54) kan dubartii maqaa, ciimina, amanamumaa, dhugaa

1. Namootaaf, Isaayaas 10:20; 42:3; 48:1

2. Waaqayyoo dhaaf, seera ba'uu 34:6; Isaayaas 38:18,19; 61:8 Faarfannaa 117:2

3. Dhugaa dhaaf, seera keessa deebii 32:4; 1 Mootota1 22:16; Faarsaa Dawiiti 33:4; 100:5; 119:30; Ermiyaas 9:4; Zakkaariyaas 8:16

C. (twrma BDB 53),cimina,cimuu, amantootumaa

1. Harkaaf, seera ba'uu 17:12

2. Yeroo dhaaf, Isaayaas33:6

3. Namotaaf, Ermiiyaas 5:3; 7:28; 9:2

4. Waaqayyoo dhaaf, farsaa Dawiiti 40:11; 88:12; 89:2,3,6,9; 119:138

III. Kan Phaahuloos fayadama bu'uurri yaadaa kakuu mofaa rma

A. Phaahuloos Yaahiwees ta'e kan kakuu mofaa hubannosaa haraa bu'uura kan godhate kan mataa isaa dhunfaa waltti dhufeenya akka tasaati, Iyeesuusi wajjin karaa damaasqotti (hojii Ergamootaa 9; 22; 26).

B. Innisi deggersa kakuu mofaa barbadeera hubannosaa haraa dhaaf ijoo kan taa'an keeyeta lama irratti,isaanis hundee kan gargaaraman rma

1. Seera uumamaa 15:6 - wal quunnamtiin dhunfaa Abrahaam Waaqayyoo dhaan kaka'e (seera uumamaa 12) bu'aan isaasi amantii dhaan jireenya abboomamu kan ta'e (seera uumamaa 12-22). Phaawuloos isa kana Roomee 4 fi Galatiyaa 3 irrati dubbatera.

2. Isaayaas 28:16 - isatti kan amanan hundumtuu (jechun, Waaqayyoo kan qoree fi dhagaa golee kan kaa'e) Raawwatee

a. Romee 9:33, "in qana'uu"yookaan "hin gaabbisisuu"

b. Roome 10:11, akkuma isa olii kan ta'e

3. Imbaqoom 2:4 isaan isaa amanama Waaqayyoonni kan beekan jireenya amanachuu qabaachu isaan irra jira (Irmiyaas 7:28). Phawuuloos barreeffama kana Roome 1:17 fi Galatiyaa 3:11 (Ibiroota 10:38 irratti yaadannoo jiruu ilaali).

IV. Kan Pheexiroos kan kakuu moofa fayyadama yaad-rimee

A. Pheexiroos kan waliin make

1 Isayaas 8:14, Phexiroo isaa dura 2:8 (Dhagaa guufachisuu)

2 Isaayaas 28:16, Phexiroos isaa dura 2:6 (dhagaa gollee)
3 Faarsa Daawit 111:22, Phexiroos isa duraa 2:7 (dhagaa tuffatamaa)

B. Isira’eeliin kan ibsu qooqaa adda ta’een gala galcha, “sanyii filatamaa, lubboota mooti, sabaulqulla’aa,saba dhaala Waaqayyoo ta’e”

a. Seera keessa deebii 10:15; Isaayaas 43:21
b. Isaayaas 61:6; 66:21
c. Seera ba’uu 19:6; Seera keessa deebi 7:6

Kanaafi amma kan gargaarame Kiriistoositti kan jiruu amantii walda kiriistaanatti

V. Kan Yoohaniis fayyadama hundee bu’uura yaada

A Kan saa fayyadama kan Kakuu Haara

“In amane jechii jedhu jecha Girikii irraa (Pisteuo) yemmuu ta’u, innis immoo kan hiikamuu “amanu,”“amanti,”yookaan in oola. Yoohaniis 2:23-25 qajeellumman sabichaa kan guutee kennamuu jirachuun isaa amansisaa miti Yesuus nazireeticha akka Masihiitti fudhachuudhaaf. Fakkeeny iraan,jechii kun “amanu”fayyaadama guutuu hin taane kan argamu Yohaaniis 8:31-59 fi Hojii Hrgamoota 8:13, 18-24 irrattidha. Inni dhugaana amantii macaafa Qulqulluu deebiin jalqabarraa guddaadha. Innis hordofuu kan qabuu gara adeemsa duuka buutuutti (Matihoos 13:20-22, 31-32).

B Fayyadamnii isaa kan wal-hidhee wajjiin

1. *eis* jechuun “gara … keessa (Be) jechudha . kun adda kan ta’e qinda’umaa cimina kan kennuu amantootni amanta isaani/amanamuu isaani gochuu kan qaban Yesuus irraatti
   a. Maqaa isaatiin (Yoohaniis 1:12; 2:23, 3:18; 1 Yoohaniis 5:13)
   b. Isaan (Yoohaniis 2:11; 3:15,18; :39; 6:40; 7:5;31,39,48; 8:30, 9:36; 10:42; 11:45; 17:37, 42; Matihoos 18:6; Hoji Hergamoota 10:43; Philiphisihoos 1:29; 1 Pheexiroos 1:8)
   c. Anaan (Yoohanis 6:35; 7:38; 11:25, 26; 12:44, 46; 14:1, 12; 16:9; 17:20)
   d. Ilma isaatiin (Yohaannis 3:36; 9:35; Yohanniis isa dura 5:10)
   e. Yesuusiin (Yohanniis 12:11; Hojii Hergamoota 19:4; Galatiyaa 2:16)
   f. F Ifaa isaatiin (Yohanniis 12:36)
   g. Waaqayyoodhaan (Yohanniis 14:1)
2. *en* jechuun “keessa”dha, akka Yohannis 3:15;Marqoos 1:15; Hojii Hergamoota 5:1
3. *epi* jechuun “keessa”yookaan “irra,”dha, akka Matihoos 22:42; Hojii Ergamoota 9:42; 11:17; 16:31; 22:19, Roome 4:5, 24; 9:33; 10:11; 1 Ximooxiyoos 1:16, 1 Pheexiroos 2:6
4. DATIVE CASE hirkataa jechama kan wal hidhee jiruu akka Galatiyaa 3:6; Hojii Hergamoota 18:8; 27:25; 1 Yohanniis 3:23;5:1
5. *hoti*, hiiki isaa “kan amane”maal akka amane qabiyyee isa argisisa
   a. Yesuusi Qulquulluu kan Waaqayyoo ta’uu isaa (Yohanniis 6:69)
   b. Yesuus kan jiruu fi kan jiraatudha (Yohanniis 8:24)
   c. Yesuus abbaa keessa abbaan immoo isa keessa jira, (Yohanniis 10:38)
   d. Yesuus Masihiidha (Yohannis 11:27, 20:31)
   e. Yesuus ilma Waaqayyootti (Yohannis 11:27,20:31)
   f. Yesuus abbaadhaan ergamee (Yohanniis 11:42,17:8,21)
   g. Yesuus abbaa wajjiin kan jirudha (Yohanniis 14:10:11)
   h. Yesuus abbaa bira dhufee (Yohanniis 16:27,30)

VI. Guduunfaa

Amantaan Macaafa Qulqulluu jecha/abdii Waaqummaatiif deebi namoota. Waaqayyoo yeroo hundumaa ka’umsa isa in fudhata (jechuun, Yohanis 6:44, 65), haa ta’uu malee kan walitti dhuufenya Waaqummaa kun arman olitti deebii namootaaf kaa’era.

1. Amanuu
2. Ajajamuu kakuu

Amantaa Macaafa Qulqulluu

1. Walittii dhuufenya dhuunfaati (ka’umsa amantii)
2. Dhugaa Macaafa Qulqulluuti amanachudha (mul’achuu Waaqayyootti amanu)
3. Isaafiis deebi kan ta’u deebii sirrii (amantaa guyyaa hundumaa)

Amantaan Macaafa Qulqulluu motummaa Waaqayyootiif tikeetti miti yookaan kan inshuuraansii Poolisii. Innii walitti dhuufeenya dhuunfaati. Kun kan uumamaa fi akeeka ilmaa namaati, bifaa fi fakkaatti

Waaqayyootti kan uumamaan (Seera uumamaa1:26-27). Ijoon dubbii “walitti dhiyaachu”dha. Waaqayyoo tokkuma barbaada, kan ta’e ejjeennoo Waaqayyummaa osoo hin ta’in! Haa ta’uu malee isa Qulqulluu Waaqayyoodha wajjiin tokkuma ta’u,ijjoollota “kan maati isaani”amala akka calaqisisan kan jiruu gaafata (jechuun, qulqulluummaa, Lewoota 19:2; Matihoos 5:48; 1 Phexiroos 1:15-16).

Kuufaati (Seera uumama 3) dandeetti deebi sirrii kennuu keenya miidhe. Waan ta’eef, Waaqqayyoo bakka keenya godhe (Isqeel 36:27-38), “laphee haara”kennuudhaan, akkasumaas “haafura haara,”innis amantidhaan akkasumaas kara qalbi jijiranaa isa wajjin tokkummaa akka qabanuuf akka aboomamnuuf kan nuu dandesisuu!

Isaan sadan kun isaan gurguddoodha. Sadanuu hundumtuu eegu irra jiraata. Galmii isaas Waaqayyoon beekudha (Ibirootaa fi galumsaa Girikiin) akkasumas jireenya keenyatti amala isa calaqisiisu. Galmii amantii guyyaa tokkoo kan argamuu mootummaa Waaqayyoo miti, haa ta’uu malee guyyaa hundumaa Kiristoosiin fakkaachudha.

Bu’aa amanamumaa namootati (kakuu haara), hundee isaa osoo hin ta’iin “Kakuu Moofaan”Waaqayyoo wajjiin walitti dhuufeenya jiru: amantiin namoota amanamumaa isaattin; amanachuun namoota amanamummaa isaa irratti. Handhuuri isaa kan Kakuu Haarailaalchii fayinna irraatti kan ta’u, namooti dirqamatti deebi kennuutu irra jiraata ka’umsa isaa irraa kan ta’e kan itti fufuu, ka’umsa isaa kan ta’e ayyaana fi hararaa Waaqayyoo, Kiristoosiin kan mul’ate. Inni mjaallateera, inni ergeera, inni kenneera; nu’iis amantiidhaa fi amanamumaadhaan deebi isaa kennuun in ta’a)Effessonn 2:8-9 fi 10)!

Inni amanamaan Waaqayyoo, saba amanamaa barbaada, mataa isaa biyya lafaa amantaa hin qabne ibsuudhaaf isa irratti kan ta’u amantaa dhuunfa fidduudhaaf.

▣ **“karaa isaatiin kan waamamtan”** kun cimsaa itti fufeenya qabu dha, Amantooni Qorontos Waaqayyoo akka isaan filate (1:2,9,24,26; Hojii ergamootaa 18:9).

▣ **“Ilmasaa wajjin tokkummaa jiru”** jechi Girikii kun *koinonia* yero ta’uu hiiki isaa hirmaana argamee irratti. Waaqayyo kan nuu waamee ilma isaa wajjin tokkummaa akka qabaanuuf kara lachuunuu ejjeennoodhaan (mata duree addaa qulqulla’uu 1:2 irratti ilaali) fi walitti dhufeenya. Galmi kiristaanummaa Kristoosiin fakkaachuu dha (Roome 8:29, Galatiyaa 4:19, Effeessoon 1:4, 2:10). Tooftaan jireenya amantoota Kristoosiin erga argatani booda raga fayyina jiruutti (kan Kakuu Haaraa macaafi ergaa Yaaqoobii fi 1 Yohannis). Kan fayyan ayyaanaan karaa amantii hojii ta’un (Effessoon 2:8-9, 10)! Kan fayyaan tajaajiluudhaaf (Roomee 6:11) amanti kan qabuu mudaa malee akka ta’aanifii dha (Effeessoon 1:4, Maatihos 5:48).

Phaawulos yeroo hundumaa bilisa kan qabu Wangeela isaatiin miidha, sababi isaa gaarii kan hin taane jireenya kan jajjabeessuu waan itti fakkaatuuf. Raawwata jireenya sirri wajjin baay’ee kan wal qabatee Wangeelli fakkaatu gara hojii sirri hin taanetti geggeessu danda’a. Kan Phaawulos Wangeeli bilisa ture kennaa bilisa ayyaannaa Waaqayyoo fi Kristoosiin hojii xumuramee fi kadhannaa hafuuraa qulqulluu, haa ta’uu malee inni deebii sirri ta’ee gaafata, ka’umsa qalbi jijjiiraana qofa osoo hin ta’in garuu immoo qalbi jijjiiraannaa itti fufeenya qabu. Bu’aan isaa jireenya Waaqayyoon fakkaachuuti. Seeri hundumaaf gatii kan itti baafamee deebii eeyyee (Paaradooks) ibsuudhaaf rakkisaa dha. Haa ta’uu malee lamaanuu qabun kan irra jiruu falmiin kan guutee eeyyee, faallaa isaa madaali bifa eegateen. Eenyu iyyuu qajeelaa fi qulqulla’oo adda addaa baasuu in danda’u.

## MATA DUREE ADDAA: *KOINŌNIA*

“Tokkummaa” (*koinōnia*) jechuun

1. Nama tokko wajjiin hariiroo lama qabaachuu
   a. Ilmaa wajjiin (CF. Yoh 1:6; I Qor 1:9)
   b. Hafuura qulqulluu wajjiin (Cf II Qor. 13:13; Fil 2:1)
   c. Abbaa fi Ilmaa wajjiin (Cf I Yoh. 1:13)
   d. Abolaa kakuu warra kaanii wajjiin (Cf I Yoh 1:7; HE 2:42; Gal 2:9; Filemon 17)
2. Wantootaa wajjin, gartuuwwan garaa garaa wajjiin hariiroo cimaa qabaachuu
   a. Wangeelaa wajjiin (Cf.Fil 1:5; Filemona 6)
   b. Dhiiga Kristoosii wajjiin (Cf I Qor 10:16)
   c. Dukanaa wajjiin hariiroo qabaachuu dhiisuu (Cf. II Qor. 6:14)
   d. Dhiphina isaa irraa hirmaachuu (Cf Fil.3:104:14 I phex 4:13)

3. Kennaa yookiis hirmaannaa garraamummaadhaan godhamu (Cf Rom 12:13; 15:26; II Qor . 8:4:9:13; Fil 4:15; Ibi 13:16)
4. Kennaa ayyaanaa Waaqayyoo karaa krristos kennamu, isa tokkummaa dhallii namaa Waaqayyoo wajjiin qabuu fi obboloota isaa wajjiin qabu deebisee ijaaru dha kun immoo hariiroo namni namaa wajjiin qabu isaa hariiroo namni uumaa isaa wajjiin qabu irraa dhufu ibsa akkasumas, barbaachisummaa fi gammachuu tokkummaa kristiyaanotaa calaqisiisaa. Caasaan nima kanaa gochi kun jalqabee itti fufuu akka qabu cimsee hubachiisaa (Cf1:3 (yeroo Lama) 6, 7 Kristiyaannummaan walii gatee dha!

▣ **"Mucaa"** Yesus Kristos akka mucaa Waaqayyootti qabatamaa dha. Barreeffama Phaawulos (Roomee 1:3, 9, 5:10, 8:3, 29, 31, I Qorontos 1:9, II Qorontos 1:19, Galaatiyaa 1:16, 2:20, 4:4, ,6, Effeessoon 4:13, 1 Tessoollonqee 1:10). Inni yeroodhaaf duwwaa miti "ilmummaan isaa" haa ta'uu malee bara baraan "ilmummaan isaa" (Ibiroota 12, 3:6, 5:8, 7:28). Kan Yesus mucaa hin turee raawwate hin ture. Kabajamuun du'aa ka'uu isaatiin Yesus fi ol ba'uu isaatiin dursii eenyummaa isaa foon uffachuu isaa dura deebiseera mul'iseeraas.

## Mata duree addaa: Mucaa Waaqayyoo

Kun isa tokkoo kan Kakuu Haarawaamicha Yesuusiti. Inni sirrimatti hiika Waaqummaa qaba. Innis Yesusiin kan ammatu akka "ilma" yookaan "ilma koo" fi Waaqayyoon akka "abbaatti" dha. Inni Kakuu Haaraatti yeroo 124 ta'eera. Kan Yesus kan inni ittiin waamamuu "ilma namaa" hiika Waaqummaa qaba Daani'eel 7:13-14.

Kakuu Moofaan "ilma" kan jedhu kan inni ittiin waamamuu ramaddi wantoota adda addaa afur argisiisa.

A. Ergamoonni (yeroo hundumaa lakkoofsaa baay'ee seera Uumamaa 6:2, Iyoob 1:6, 2:1)
B. Mootiin Israa'el (2 Saamu'el 7:14, Faarfannaa 2:7, 89:26-27)
C. Saba Israa'el walumatti qabaatti (Ba'uu 4:22-23, Keessa deebii 14:1, Hosee 11:1, Milkiyaas 2:10)
D. Abboota firdii Israa'elootaa (Faarfannaa 82:6)

Inni fayyadama lamadha Yesus wajjin kan wal qabatee bifa kanaan "ilma Daawiti" fi "mucaa Waaqqayyoo" lamanuu Saamu'eel isa 2 7, Faarfannaa 2 fi 89 wajjiin adeemu. Kakuu Moofaattu "mucaa Waaqayyo" raawwatee fayyadama irra hin oole, keessumatti Masihii kan ilaalatu akka mootii bira ga'utti innis kan Israa'el "kan dibamee muudama"irraa kan hafe. Ta'us galaana diimaatti maramaan hidda Masihii wajjin kan wal qabatee kan irra deddeebi'amuu dha (adda kan ta'ee Waabii Yesusii fi wangeelootaa Galmee jechoota fuula 170 ilaali). Akkasumas "mucaa Waaqayyoo" hidda dhalootaa Masihiiti. Lamaanu macaafa Qulqulluu kan ta'an deebiin Yihudootaa hojii barreeffamaa (II ISidiraas 7:28, 13:32, 37, 52, 14:9 fi Heenook 105:2).

Kan isaa kan Kakuu HaaraYesuusin akka argisiisuutti ramaddii baay'eedhaan gaarii ta'ee hammateera.

1. Dursa argamuu isaa (Yohanniis 1:1-18)
2. Kan isaa kan adda ta'ee (kan durbaa) dhaloota (Maatihoos 1:23, Luqaas 1:31-35)
3. Cuuphamuu isaa (Maatihos 3:17, Maariqos 1:11, Luqaas 3:22). Olii kan dhufee sagallee Waaqayyoo Faarfannaa 2 mootii mootootaa Isaayaas 53 rakkina fudhachuu isaa taajajilaa wajjin wal qabachiisa).
4. Kan isaa qorumsa seexannaa isaa (Maatihos 4:1-11, Maariqos 1:4, 13, Luqaas 4:1-13). Inni ilmummaa isaa akka shakkuu qorameera yookiis yoo xinnaatee gocha isaa akka xumurutti bifa gara garaatiin fannoo caalaa).
5. Karaa fudhatama hin argannee dhuga baatoota kan isaaf godhamee mirkaneessu
   A. Ginnii (Maariiqoos 1:23-25, Luqaas 4:31-37, 41, Maariqos 3:11-12, 5:7
   B. Kan in amane (Maatihos 27:43, Maariqos 14:61, Yohannis 19:7
6. Duuka buutuu isaatiin mirkaneessa isaaf godhamee
   a. Maathos 14:33. 16:16
   b. Yohannis 1:34, 49, 6:69, 11:27
7. Kan inni ofiif mirkaneesse
   a. Maatihos 11:25-27,
   b. Yohannis 10:36
8. Waaqayyo akka abbaatti kan itti fayyadamee jecha dhokataa maatii
   a. "Abbaa" jecha abbaadhaaf fayyadamee
      1) Maariqos 14:36

2) Roomee 8:14
3) Galaatiya 4:6

b. Irra deeddebi'uun abbaa (*patē r*) jechuun fayyadamuu isaa Waaqummaa wajjin firooma qabaachuu isaa ibsuudhaaf

Guduunfuudhaaf "yaa mucaa Waaqayyoo" kan jedhu taayitaa guddaa hiika xin-waaqummaa qaba, Kakuu Moofaa fi abdii sagallee isaa ramaddii isaa kan beekaan haa ta'uu malee kan Kakuu Haaraa barreesitootni kan isaa abbaadha wajjin kan jiru fayyadama in jeeqa, sababii isaa waaqa tolfamaa waaqessuu seena duuba waan qabaniif "kan waaqa tolfamaa" isaanis dubartoota fudhatanii bu'aa sanyii ta'uu waan fudhataniif, kunnis "namoota adda ta'n" yookaan "Nifilim" waan jedhaniif.

## I Qorontos 1:10-17

**[10]Obboloota ko, isin hundumti keessan waan dubbattanitti akka walii galtan, yaada tokkoon akeekkattanii, tokkummaadhaanis raawwachuudhaaf akka qophooftan malee, isin gidduutti gargar ba'uun akka hin jiraanne, maqaa gooftaa keenya Yesus Kristosiin isinan gorsa*. [11]Opbboloota ko, wal qoccoluun akka isin keessa jiru, namoonni aaddee Klo'ee anatti himaniiru*. [12]Qoccolloon ani jedhus isa isiin keessaa kaan, "Ani kan Phaawulos!" kaan, "Ani kan Aphilos!" kaan, "Ani kan Keefaa ti!" kaan immoo, "Ani kan Kristos!" jedhan jechuu koo ti*.[13]Kristostu gargar hirame moo ree? Phaawulostu isiniif jedhee fannifame moo ree? Yookiis maqaa Phaawulositti cuuphamtan moo ree? [14]Krisphosii Gaayos irraa kan hafe isin keessaa nama kan biraa iyyuu bagan hin cuuphin*! [15]Egaa namni, "Maqaa Phaawulositti cuuphamtan" isiniin jechuu hin danda'u, [16]Haa ta'u iyyuu ,malee, Isxifaanaasii fi maatii isaa immoo cuupheera; kanaa achi nama kan biraa kanan cuuphe hin beeku*. [17]Kristos wangeela akkan lallabuuf na erge malee, akkan cuuphuuf ana hin ergine; fannifamuun Kristos ulfina isaa akka argatuttan lallabe malee, fannoo isaa salphiisuudhaaf ogummaa namaatiin hin lallabne*.**

**1:10 "Ammas"** kun gochama. Phaawulos isa guddaa qaama xalayaa isaa in jalqaba.

▣ **"Isinaan kadhadha"** gaaleen kun laafaadhaa fi jabaa kan ta'e dha. Inni ta'u kan qabuu waamicha jireenya akkasumas ajaja abooti. Phaawulos jecha kana itti deddeebi'e fayyadama (I Qorontos 1:10, 4:16, 16:15, II Qorontos 2:8, 5:20, 6:1, 10:1, 12:1, 8, 15:30, Effeessoon 4:1, Filliphuus 4:2, 1 Tessoollonqee 4:10, 1:3, Fillimoonaa 9-10). II Qorontos 1:4-11 irra kan jiruu qabsiisa guutuu ilaali.

## Mata duree addaa: Jajjabeessuu

Kan itti fufee kan fudhatamee II Qorontos 1:4-11 irratti kan jiruu tarreefama koo irratti dha. "jajjabeessuu" jechi kun *paraklēsis* , bifa adda addaatiin lakk.3-11 fayyadama irra ooleera. Innis jecha furtuu dha, keeyata guutuu fi boqonnaa 1:9ti akkasumas ala igdamii shani fayyadama irra ooleera. Hiiki jechichaa "cina cinaan waamu". Innis yeroo hedduu fayyaadama irra kan oolu galumsa murtiitiin kunnis gorsa seera, jajjabeessuu fi qajeelfama akka abukatoon godhu.

Barreefama qabiyyee kanaatiin fayyadama irra kan oole galumsa cimsuu fi jajjabeessuu dha. Jechii wali wajjin deemuu, *paraklētos* fayyadama irra kan oole hafuura qulqulluudhaan. Yohannis 14:16, 26, 15:26, 16:7 kan jiruu fi Yesuusii fi isa duraa Yohanniis 2:1. Barreefama qabiyyee kanaan fayyadama irra kan oole abbaadhaaf

*Parakaleō* bifa gochamaani galumsaa heddun hojirraa ooleera.

A. Sabtu'aajentidhaan (Kaku Moofaa)
   1 Jajabeesudhaan, kessadeebi 3:28
   2 Jajabeesu Seera uumamaa 24:67, 37:35, Faarfannaa 119:5, (bifa Masihiitiin Isaayaas 40, 49:13, 51:3, 61:2).
   3 Namaaf gada Keessa deebii 32:36, Isaayaas 2:18, Faarfannaa 135:14
   4 Jajabeessu Isaayaas 35:4
   5 In waama Ba'uu 15:13
B. Ergaa Phaawulos gara Qorontos

1 Jajabeessuu I Qorontos 1:10, 4:16, 14:30-31, 16:15-16, II Qorontos 2:8, 5:20, 6:1, 8:4, 6, 10:1
2 Jajabeessuu, jajabeessuu, II Qorontos 1:4, 6, 2:7, 7:6, 7, 13, 13:11,
3 Garaa namaaf laafa jajabeessuu I Qorontos 4:13

In sosobata laphee irraa kadhata, in gaafata I Qorontos 16:12, II Qorontos 9:5, 12:18

▣ **"Obboloota"** Phaawulos "obbooloota" yookaan "obbolessa" jecha jedhuu itti fufeenyaan gargaarama. Hagami illee Phaawulos gamtaa amantootaa kanaa jecha sagallee jabaadhaan yaadachisu illee amma iyyuu taanan Kristoosiin obboleessaa fi obboleetti isaati.

Phaawulos jecha kana yeroo baay'ee kan gargaaramuu dhimma mata duree haara argisiisuu yeroo ta'uu haa ta'uu malee macaafa kana keessatti kan inni itti fayyadame immoo tokkummaa waldaa kanaa argisiisuudhaaf Phaawulosii fi kan biroo waldaa kiristaana wajjin.

▣ **"Maqaa gooftaa keenya Yesus Kristoosin"** jireenya Yihudootaa dhaga'aa kan inni argisiisuu amala isa tokkootii fi taayitaa dha. Asitti hiikiii Filiphoosi "waan hundumaatii fi Gooftaa keenyaa Yesus Kiristoosiin isiniif yaada hiika jedhu qaba.

## Mata duree addaa:Maqaa Gooftaa

Kun kan baratamee gaalee Kakuu Haarayeroo ta'u innis Waaqa sadan tokkoo "Sillaasse" qaamni waldaan kiristaanaa argamuu isaatii fi humna damaqaa ta'uu isaa argisiisa. Kunnis humna moortuu miti, haa ta'uu malee amala Waaqayyoo kan hubachiisuu dha.

Gaaleen kun yeroo hundumaa kan argisiisuu Yesus gooftaa akka ta'ee dha (Filliphisuus 2:11)

1 Inni tokkoo Yesus irratti amantaa qabuu yeroo cuuphaatti kan labsuu (Roomee 10:9-13, Hojii ergamootaa 2:38, 8:12, 16, 10:48, 19:5, 22:16, I Qorontos 1:13, 15, Yaaqoob 2:7)
2 Haafura hamaatti yeroo bilisa ba'u (Maatihos 7:22, Maariqoos 9:38, Luqaas 9:49, 10:17, Hojii ergamootaa 19:13)
3 Yeroo fayyinaatti (Hojii ergamoota 3:6, 16, 4:10, 9:34, Yaaqoob 5:14)
4 Yeroo tajaajilaatti( Maatihos 10:42, 18:5, Luqaas 9:48
5 Yeroo seera waldaa kiristaanaatti (Maatihos 18:15-20)
6 Yeroo hormootaatti lallaban (Luqaas 24:47, Hojii ergamootaa 9:15, 15:17, Roomee 1:5)
7 Yeroo kadhataa (Yohannis 14:13-14, 15:2, 16, 16:23, I Qorontos 1:2)
8 Karaa waabii kiristaanummaa (hojii ergamoota 26:9, I Qorontos 1:10, 2 Ximootihoos 2:19, Yaaqoob 2:7, 1 Pheexiroos 4:14

Wantoota kammiin iyyuu akka labsii himaatti, tajaajiloota, gargaartoota, fayyisoota, hafuuroota hamoota warra baasan yookiis baastootaa itti fufa yoo taanee kan nuyii goonu amala isaatiin humna isaatiin, kennuu isaatiin, maqaa isaatiin.

▣ **"Hundumtii keessan irratti wali galtu"** kan ammaa lamaa gocha galumsaa qaba. Kaayyoo Phaawulosiin (jechuun, *hina*) gaalee irratti.

1. Kana jechuun yaadan wali galuu dhiisuu itti fufuu jechuu miti (kan ammaa gochi galumsaa)
2. Isaan tarii (kan ammaa gochii galumsaa) wali wajjin kan wal qabatee ta'a (jechuun, kan ammaa keeyata Booz hojii irra oole, innis kana qabatamaa akka hin taanee godheera.

Isaan kan wal qabatani jiran haalotti tuqaa dabalataa fidu. Achitti qoqodamsa qabu, akkasumas isaan qoqodamsi kan wali wajjiin wal qabatan miti. Barbaachisaa kan ta'an gocha gar tokkoti jedhuu gamtaa jabeessuudhaaf Effeesson 4:2-3 irratti tareefameera.

Phaawulos waldaa kiristaanaa kanaaf hawwii inni qabu Yohannis 17:11, 21-13 kan jiruu kadhata Yesus callaqisiisa. "isaaniis tokkoo akka ta'aniif akka nuyii tokko taanea hundumaa". Kun immoo Effeesson 4:1-6 amantaadha. Gamtaa (seera utuu hin ta'in) fayyummaadhaaf, kan guddatuu kan ergamaa waldatti kiristaanaa isa guddaa dha (Filliphisuus 1:24). Tokkumaa gamtaa dhabuun sammuu dukkaneffamee keessa madda (II Qorontos 3:14, 4:4, 11:3).

▣ **"Gidduu keessanitti gargar ba'uumman tokkoo illee akka hin jiraane"** jechii kun (jechuun, *schismata*) Konee Girikiin fayyadama irra in oola ture kan qoqodamee paartii siyaasa (hojii ergamoota 14:4, 23:7). "Schism"

kan jedhuu jecha ingilli kan argannee kan arganne jecha Girikii irratti. Kunnis rakkina guddaa waldatti kiristaanaa kanaati (11:18-19, 12:25). Isaan qoqodamsi kun kan irratti hunda'aan

1. Burqaan dhuunfaa amantootaan kan murta'aan dandeetiin geggeesummaa (jechuun, dubbi beekaa)
2. Amantootaan of jajuu fi hinaafaa kennaa hafuuraatiin
3. Amantootaan ramaddi qabeenyaatiin beekumsaaf kennuu (dureechaa fi hiyeecha)
4. Amantootaan gamtaa taayitaa kan qaban murtoo dursaa (jechuun garbaa fi birmadduu)
5. Amantootaan of jajuu sanyii (jechuun, Yihuudaa fi ormoota"
6. Amantootaan walitti hinaafuu fi ofjajuu haala gaa'ilaatiin (jechuun, kan hin fuunee fi kan fuudhe.
7. Amantootaan of jajuu, beekumsaa ol human(jechuun, kan jaarraa tokkoo beekumsa ayyuu Sofisiit)

Karaa baay'eedhaan kun kan guddifamee ilaalamuu wallaalummaa, of tulluummaa, fi ofitti amanamummaa kan waldaa kiristaanaa ishee ammayyaa kutaa amantaa irratti calaqisu. Tokkoon tokkoon garee geggeesitoota mirgaa hordofuudhaan hunduma irra akka wayyuu in dubbatama (jechuun Luteer, Kaalviin, Harmenihes, Weesili, itti fufa….). Tokkon tokkoon garee yaada Waaqayyoo ada baasee akka callaqisiisuu yaadama. Itti fufeenya kan qabuu gadi of qabummaadhaa fi bartuu ta'uu akkam barbaachiisa. Maqaa Yesus utuu gargar hin kutiin kan waaman hundumtuu waldaa Yesusiti.

▣ **"Laphee tokkoof yaada tokkoo raawwatanii akka taatan"** hiiki ingilli haaran (TEV) "yaada tokkoo fi kaayyoo tokkoo qofan raawwatani akka wali galtan" hiika jedhuu qaba. Kaayyoon kun mootummaa Waaqayyoo, Wangeela ergama Guddaa, qulqulluummaa dhuunfaati malee loogii dhuunfaa, dursa tilmaamaa yookaan yaada dhuunfaa miti!

**1:11 "Namoota Qaalo'ee"** waa'ee dubartii kanaa waan tokko iyyuu hin beeknu, tarii isheen miseensa waldaa Qorontos ta'uu irraa kan hafee yoo xinnaate hojetooti ishee miseensa ta'u. maqaan ishee waaqa tolfamaa qonna ishee maxantuu maqaati, Dimeeteeri. Tajaajiloonni ishee Phaawulos rakkina qabaachu isaa haala hubate irraa burqaa tokkoo dha, kunnis Qorontositti walitti qabama manaa babalataa kan dhufe. Seensa irratti VI. A ilaali.

▣ **"kana jechuun gidduu keessan lolli akka jiruu"** jechi wal fakkaatan kun ( jechuun, Eris) ija hojii foonii kan jedhuu Galatiyaa 5:20 irratti tareeffameera, kunnis kan kufan , kan dheekamaman, amala dhuunfaa namootaa. Innis immoo baay'een tarreeffama cubbuu Phaawulos keessa teechifameera, (3:3, II Qorontos 12:20, 1 Ximootihos 6:4). Inni raawwatee maaliin illee amala waldaa kiristaanaa Kristoos in ta'u!

**1:12** kun ta'uu kan qabuu tarreefama kan wal qoqoodaniti (jechuun, garee Phaawulos garee Aphiloos, garee Pheexiroos, garee Yesus). Amala geggeesitootaa hordofee baay'ee godheera (jechuun, Phaawulos dhaabaa bilisummaa amantii qofaan kan ta'an ormoota ammata. Aphiloos = dhaaba beekumsaa, Keefaa = aadaa Yihudootaa yookaan dhaaba seera (II Qorontos 11:18-33) Kristoos = sadarkaa adda ta'en waamamu kennaa yookiis hafuuraan kan ta'an (tarrii II Qorontos 12:1). Ta'us Kakuu Haaraatti sirrii kan ta'ee ragaa in qabu. Waa'ee garee tokkoon tokkooo barumsi waaqayyummaa yookaan ka'umsa yaada. Geggeesitooti kun ofi isaani kan qoqodan miti. Garee Qorontostu ture kan mataa mataa isaani godhatani geggeesitoota kan qoqodan.

▣ **"Aphiloos"** kun baay'ee kan baratee fi dubbate kan agarsiisuu turee Aleeksaanderiyaa Gibxi. Qorontosiin ture (Hojii ergamootaa 18:24-19:1) ilaali, deemuuf garuu dideera (16:12). Innis waldatti kanaaf geggeessa kan godhame ture.

▣ **"Kee"** inni afaan warra Aromaayikiitiin maqaa isa Girikiin Pheexiroos jedhuu wajjiin tokkuma. Pheexiroos raawwatee Qorontosiin ta'uun isaa wantii beekame hin jiru. Yoo ta'uu baatees kun kan callaqisiisuu "Yihudummaa" Phaartiinii dha(Galaatiyaa fi tarii II Qorontos).

▣ **"Ani kan Kristoos"** kun deebii Phaawulos akka ta'ee waan beekamu hin jiru geggeessaa irratti kan xiyaafatee garee geggeessituu yookiin kan biraa garee isaaniis Kristoosiin qofa akka geggeessa isaanitti godhatani fudhatan. Kan Roomee Kilementi innis Qorontosii fi bara 95 kan barreesse (jechuu, ankilementii 48) dhaabaa Kristoos in tuqne, ammam illee kan biroo gareewwan kan biraa yoo tuqee illee. Kun falmii Phaawulosiin dhi'aatee dha yaada jedhuu kan degeerudha. Isaan tari geggeessaa namaa fillatanii beekamtii laatani ta'a, inni garuu ol qabee kan Kristoos qofa ta'u argisiise!

Beektoonni kan biraan kan isaan madaalaan kun ta'uu kan qabuu gareewwaan biraa Yesus irraa adda kan ta'ee beekuumsa kan qaban yookaan Yesus irraa adda kan ta'ee mul'ata kan argatan yookaan Yesusii wajjin walitti dhufeenya adda ta'ee dha (jechuun, beekaa kan akka Noostikotaa. Garuu ammas kunnis qabatamaa miti, kanaafis akka yaadatti waa'ee jaarraa 1 fi 2 waldaa Kiristaanaa baay'ee wantii nuyi in beekne jira.
1:13 lakkoofsi kun deebii cimaa Phaawulos argisiisa "Kristoos qoqodameerahii?" kun kan xumuramee hojii irra kan oole argisiisa, kan inni argisiisuus Kristoos qoqoodamee hafuu isaati, isaan kun kan qorontos qoqodamni yaadaa fi gochaa. Gaaffichi yoo kana ta'ee egaa "eeyyee" jecha jedhutuu eegama.

Kan Paaprees barreefamni harkaa bara haraara 200 kan barreeffame barreefama garagarummaa qabu, "Kristoos qoqoodamuu in danda'u" (kun garuu waraqan rakkinni irra ga'eera akkasumas barreeffamichi qabatamaa miti. Baay'ee kan duriitii fi amansiisa kan ta'ee barreefamni harkaa Girikii, a, A, B, C, D, F, fi G alta'aa balleessanii isa booda akkas godhaniiruu (1) Gaaffiii (2) raajeffannoo, yookaan (3) hima. UBS[4] barreeffama gabaabaa nuu laata A sadarkaa nuu laata (beekamaa).

▣ **"Phaawulos isiniif in fannifamne, fannifameeraahii? Yookiis maqaa Phaawuloosiin cuuphamtanii?"** isaan kun cimsa hima Phaawulositi, waa'ee olaantummaa Kristoos (jechuun, mataa isaa of xinneessuudhaan) tarii isaan qoqoodama garee kanaa, yoo xinnaatee mataa isaatiif garee waamamani. Deebiin gaaffii kanaa "miti" kan jedhuu dha.

**1:14 "Qersphoos"** namni kun hojii ergamoota 18:8 irratti kan xuqamee dha, innis duunkaana Qorontos geggeessaa ture, Kristoosiin kan fudhate, Hojii ergamootaa 18:8 immoo kan inni tuquu innii maati isaa wajjin cuuphamu isaati (lakk.16). walumaa gala Phaawulos isaan maatii cuuphaa raawwateera. Addunyaa durittii mataan maatii yeroo geedaramuu wal qabatee maatiin hundumtuu jijjiirama. Kun ijoollees tajaajilootaas in hamata tokko illee yoo jiraate. Qabsiisa koo hundumaafuu Hojii ergamootaa 16:5 fuula WW free bible comentery. Org ilaali.

▣ **"Gaahios"** namni kun tarii Roomee 16:23 irratti kan xuqamee ta'a, mana isaatis waldaan Qorontos kan walitti qabamtu. Kan isaa guutuu maqaan Roomaa Ga'ihoos, Tiitoos, Jaastoos ta'uu danda'a.

**1:16 "Isxifannoos"** namni kun 1 Qoronxos 16:15, Roomaa 17 irratti kan xuqamee dha. Kun sadan isaa keessaa tokkoon miseensa waldaa kiristaanaa yeroo ta'u innis waldaa kiristaanaa irraa gara Phaawulos Effeessoniti xalayaa in fida ture. Seensa VI A ilaali.

**1:17 "Kristoos cuuphuuf na in ergine lallabuuf malee"** kun cuuphaa gadi qabuudhaaf mitii, haa ta'uu malee walda kiristoos keessaa kan jiruu hafuura gargar qoqoodu dhowwuudhaaf, innis geggeesitoota murta'aan ol kan qabe. Ta'us himi kan argisiisu cuuphaan ayyaana kan ittiin fudhatan "dhoksa qulqulluu" mul'achuu dhiisuu isaati. Ajaa'ibsiisa kan ta'uu namooni tokkoo tokkoo barreeffama Phaawuloos yeroo hiikan bifa hiika qulqulluun ta'u isaati, kunnis barreefama isaa hundummaa keessatti irbaata Gooftaa adda baasee kan tuqee al tokkoo qof I Qorontos 11 fi cuuphaa ala lama Roomee 6:1-11 fi Qolasi'aas 2:12 irratti. Ta'us cuuphaan amantoota hundumaatiif fedha Waaqayyooti

1. Inni fakkeenya Yesus (Maatihos 3:13)
2. Inni ajaja Yesus (Maatihoos 28:28)
3. Innis kan eegamuu seera ta'uu qabudha, amantoota hundumaaf (Roomee 6, Hojii ergamootaa 2:38)

Ayyaana Waaqayyoo yookaan hafuura qulqulluu karaa ittiin fudhatan jedhu in amanu. Inni sabaaf carraa argisiisuti, amantoota haara amantii isaani uummata duratii fi karaa murteessa ta'een kan ittiin argisiisanii dha. Eenyuu iyyuu amanaan Kakuu Haaragaaffachu hin danda'u "fayyuudhaaf cuuphamuu qabaa?" jedhe. Yesus godheera! Waldaan Yesus Kristoos akka isheen gootuuf aboomeera! Godhaniiru!

## Mata duree addaa: Cuuphaa

Koortiis Vaoogihaan, Hojii ergamoota, ajaa'ibsiisa qabsiisa jalaa qaba, fuula 28 irratti Hojii ergamootaa 2:38 wajjin wal qabata.

"Jechi Girikii 'cuuphaadhaaf' rammaddi sada xiyaafataadha, 'qalbi jijjiiraannaa' jechi jedhuu rammaddii lama xiiyaafataa dha. Kun baay'ee sirrii kan ta'ee ajaja rammaddii lamati, gara isa xiqqaatuu sirrii kan ta'ee rammaddii sada 'cuuphameera' kan jedhuu keessaa xumurri isaa gaaffii hundee qabeessa Pheexiroos qalbi jijjiirranaa dha".

Kunnis cuuphaan Yohannis cimsa lallabaa (Maatihos 3:2) fi Yesuusiin (Maatihos 4:17) hordofa. Qalbi jijjiiranaan furtuu hafuura fakkaata, akkasumas cuuphaan kan alaan ibsamuu dha, kun jijjiirama hafuuraati. Kakuu Haaran waa'ee amantoota in cuuphaminii wanti inni jedhu hin jiru! Waldaa ishee duriitii fi cuuphaan uummata duratti kan godhamu ibsa amanti ture. Innis carraa uummatatti amanti labsuu ture. Kiristoosiin, meesha fayyinaa utuu hin ta'in! yaadatamuu kan qabuu cuuphaan Pheexiroosiin lallaba lama isaatti tuqamuu dhiisuun isaa yeroo ta'uu kara qalbi jijjiiranaati, (3:19, Luqaas 24:17). Cuuphaan Yesusiin kan godhamee fakkeenya (Maatihoos 3:13-18). Cuuphaan Yesuusin ajajameera (Maatihoos 28:19). Cuuphaan ammayyaa fayyinaa fi barbaachiisumaan isaa gaaffiin Kakuu Haaraatti hin ilalamne amantootni hundumtuu akka cuuphaman eegama, ta'us eenyuu iyyuu dhoksaa qulqulluu meeshaa mormii dhaabutuu irraa eegama! Fayyinni dhimma amantiiti bakka ta'u, jecha ta'u, seera waaqeffannaa ta'u dhimma miti!

▣
**NASB** **"Dubbii ogummaatiin utuu hin ta'in"**
**NKJV** **"Jecha ogummaatiin utuu hin ta'in "**
**NRSV** **"Haas ogummaatiin utuu hin ta'in"**
**TEV** **"jecha ogummaa namootaatiin fayyadamuun utuu hin ta'in"**
**NJB** **"Olaantummaa jecha ogummaan utuu hin ta'in"**

Sophia jechi jedhuu (jechuun, ogummaa yookaan abshalummaa) lakk.17:24 fayyadama irra kan oolee galumsa namaatiin (jechuun, ogummaa lafa irraa, ogummaa namaa, ogummaa kufee).kan namootaa dandeetiin haasaa fi/ogummaan Yesus keessa jiru bakka isaa du'a kan ta'e oduu gaarii kan Waaqayyo bakka fudhachuu hin danda'u. humni kan jiruu ergicha keessa malee ergamaa keessa miti (jechuu, Phaawulosiin illee yoo ta'ee II Qorontos 10:10, 11:6). Qoqodoti waldaa kanaa dubbii miidhagaadhaan wali wali isaani of tulluu tuulu turan (Birus W Winter, Fiilloo fi Phaawulos Soofistoota giddu ilaali). Kan murta'aan Yihudoota irratti kan xiyaafatan barsiitooti dogogoroon booda irratti gara Qorontos dhufanii Phaawulos dandeetti haasa waan hin qabneef ceepha'aniiruu II Qorontos 10-13. Fooni hundumtuu Waaqayyo duratti of hin jajuu (1:29, Effeessoon 2:9).

▣ **"Waan ta'ee fi fannoon Kristoos akkasuman akka hin taanee"** namoonni mataa isaani fayyisuu utuu danda'aani, hojii mataa isaanitii fi beekumsa, egaa du'uun Kristos nu hin barbaachisuu ture, haa ta'uu malee isaan hin dandeenye/hin danda'anis! Humni fannichaa Waaqayyon kennaa xumurameedha karaa Kristoos. Biyya lafaa fayyisuudhaaf kan barbaachisuu hundumtuu raawwatameera, akkasumas in argama, jireenya Kristoosiin, barumsa, du'a, du'aa ka'uu, ol ba'uu, fi akkasumas deebi'ee dhufuu, kunnis namoonni amanti duwwaan deebii (fudhachuu kan danda'an).

## I Qorontos 1:18-25

**[18] Waa'ee fannifamuu Kristos dubbachuun warra karaa badiisaa irra jiraniif gowwummaa dha; nuyi warra karaa fayyinaa irra jirruuf garuu, inni human Waaqayyoo ti *. [19]Caaffanni qulqullaa'aan, "Ogummaa warra ogeessotaa nan alleessa, hubbannaa warra hubattootaas lafatti nan dabala" in jedha*. [20]Egaa namni ogeessi eessatti hafe ree? Basiisaan seeraas eessatti hafa ree? Dubbi-beekaan bara si'anaas eessatti hafa ree? Waaqayyo ogummaa biyya lafaa kanaa gowwummaa godheera mitiree*? [21]Biyyi lafaa ogummaa ofii isaatiin Waaqayyoon isa ogummaadhaan guute beekuu dadhabnaan, gowwummaa barsiisa isa nuyi lallabnuutiin warra amanan fayyisuun Waaqayyotti tole*. [22]Yihudonni illee milikitoota gaafatu, Griikonni immoo ogummaa barbaadu*.[23]Nuyi garuu, Kristos isa fannifamee in lallabna; kun immoo warra Yihudootaatti gufuu dha, warra Yihudoota hin ta'initti immoo gowwummaa dha*. [24]Warra Waaqayyo waameef garuu Yihudootaa fi taanaan Grikotaafis taanaan Kristos humna Waaqayyoo fakkaatu ogummaa Waaqayyo tis*. [25]Wanti gowwummaa Waaqayyoo fakkaatu ogummaa namaa irra in caala, wanti dadhabbii Waaqayyoo fakkatus jabina namaa irra in caala*.**

**1:18 "Sagalee fannoo"** kun "sagalee" (jechuun, Logos) lallaba Phaawulos qabatamaa wajjin wal qabata (lakk.17 fi 23). Phaawulos yeroo hundumaa cimsa kan itti laatuu fannifamuu Kristoosii fi du'aa ka'uu, laamanuu irratti, haa ta'uu malee barreeffama qabiyyee kanaan inni kan xiiyaafate fannifamuu isaa irratti (uumama 3:15, Faarfannaa 22, Isaayaas 53, Zakkaariyaas 9-14) fi bu'aa isaatiin (1:30).

▣
**NASB, NKJV,**

**NRSV "Gowuummaa"**
**TEV "Akkasumaan"**
**NJB "Gowummaa"**

Jechi Girikii kun gara Ingilli kan dhufee "Moron" kan jedhuu dha. Phaawulos kan kufe ogummaa namaa ibsuun furtuu meeshaa isaatiti (lakk.18, 21, 23, 25), akkasumas 2:14, 3:18-19, 4:10 hubadhu. Wangeeli ibsa (jechuun, ofuma isaatiin kan mul'atu) Waaqayyo biraa argannaa namaatiin osoo hin ta'in!

▣ **"Warra badaniif, haa ta'uu malee nu warra fayyinneef inni humna Waaqayyooti"** isaan lamaan kun keeyata Booz kan ammaati. Giddu galeessa keeyata Booz yemmuu ta'uu inni laman immoo kan hojii irra oole keeyata Boozi dha. Mata duree addaa gochama Girikii yeroo fayyinaa irra kan oolaan 3:15 ilaali.namoota gosa lama qofa qaba, kan fayyaniif kan badan (II Qorontos 2:15, 4:3). "kan badan" kan jedhuu badiisa fooni miti haa ta'u malee Waaqayyoo dha wajjin tokkummaa qabu bara baraan dhabuu jechuu dha. Innis kan uumamaniif. Mata duree addaa 1:28 irratti ilaali. Beektooni ammayyaa ibsa dhokataa Ibirootaa fudhatee ogbaruu barreeffamaa godhateera. Fakkeenya lama yoo fudhannee

1. "Ciisuu" = du'a, amma du'a ka'uutti damaquu dhabuu
2. "Baduu" = hafuura dhabuu, badiisa wali gala utuu hin ta'in

Tokko tokkoo kan jedhan badiisa wali galaa (jechuun, jireenya dhabuu) gaanami isa dhaabataa caala kan nama dhiphisuu dha (Fudijii, kan jedhamee abiddi). Rakkinichi kan uumamuu jechi wal fakkaataan innis gaanamiin kan ibsuu mootummaa Waaqayyoo ibsuu dhaan (jechuun, "bara barummaa" Maatihos 25:46) fi Daani'el 12:2, Yohannis 5:28… fi Hojii ergamoota 24:15 irratti du'a ka'uu diribii tuqamuu isaati. Akkasumas Waaqayyoon miti namootaa gara gaanamiti kan geessu, haa ta'uu malee kan mataa isaani fudhachuu dhiisuu dha (1)Ifa kennameef (Faarfannaa 19:1-6, Roomee 1-2) yookaan (2)Wangeela (jechuun, cubbuu dhiifama hin qabnee fi cubbuu du'an ga'u cubbuu amanuu dhabuuti). Jireenya kana irratti kan jiru amanuu dhiisuun barabarummaa in miidha.

Kakuu Haaran fayyina kan ibsu akka

1. Hiyyamee akka darbee gocha murteessaa akka godhan (gocha gochammaa, Hojii Ergamoota 15:11, Roomee 8:24, 2 Ximootihos 1:9, Tiitoo 3:5)
2. Bara jireenya hundumaa adeemsa itti fufu (jechuun, kan yeroo ammaa I Qorontos 1:18, 15:2, II Qorontos 2:15).
3. Dhugaa darbee innis ejjeennooargamuu kan ta'uu (jechuun kan yeroo xumuramee Effessoon 2:5, 8
4. Fuulduratti kan gonfatan (jechuun, yeroo raajjii 5:9, 10, 10:9, 13:11, I Qorontos 3:15, Filliphisuus 1:28, 1 Tessoolloonqee 5:8-9, Ibiroota 1:14, 9:28).

Xin-waaqummaa fi balaa kan ta'uu isaan kana tokkoon isaani addaa baasani akka yaada fayyinaatti fudhachuu dha. Yeroo hundumaa warra kana amanan morminee dhaabachuun nurra jira, innis gocha ka'umsa qofa cimsa kan laatuu yookaan mudaa malee innis bu'aa isaa irratti qofa kan xiyyaafatu. Fayyinni ka'umsa, deebii fedhaati, Waaqayyo karaa Kristoos kan godhee kennaa tolaa, innis yeroo hundummaa Kristoosiin fakkaachaa kan itti fufe. Baga nagaan dhufte kan jedhu namicha qofa miti. Haa ta'uu malee waa'ee nama sana ergaan dhufee fudhatama argachuu, akkasumas namni sun jiraachuu dhaaf jireenyaan yaalii kan godhu. Wabiin pooliisi bu'aa isaa miti. Mootummaan Waaqayyoo nagaheen ta'uu, haa ta'uu malee guyya guyyaati gudachaa kan adeemu walitti dhufeenya Kiristoosi wajjin qabu male. Kakuu Haaraam murtii godhu irratti cimsa in laatu, haa ta'uu malee duuka buutuu ta'uu malee (Maatihos 28:19-20)

Dhoksaa dhugaa kan ta'uu Wangeelli yeroo isaaniif hafuu, tokko tokkoo "tole" jedhee kan fayyuu, tokko tokkoo immoo "diduudhaan" jedhee fincila isaa immoo yeroo jabeesuudha (Luqaas 2:34, Yohannis 9:39, 1 Pheexiros 2:7). Namoonni tole jechuun na in ajaa'ibsiisuu, garuu anaan kan na ajaa'ibsiisuu

1. Yaadi Waaqayyo hundumtuu akka fayyan ta'uu isaati
2. Kiristoosiin hojii raawwatamee
3. Kadhachuu hafuura qulqulluu
4. Miira cubbuu namootaa
5. Jireenya Waaqayyoon hin qabne kaayyoo malee ta'uu

"Diduu" namooti jedhan! Kun dhoksaa fillamuuti (II Qorontos 3:14, 4:4, 11:3).

▣ **"Humna Waaqayyoo"** wangeelli human Waaqayyooti (1:24, Roomee 1:16). Wangeellii human Waaqayyoo mul'isa, karaa isaas in bana. Inni amanti in uuma. Qalbi jijjiirannaa argamsiisa. Ogummaa, tola, qulqullummaa fi oolchuu argamsiisa (1:30). Lallabi fannichaa isaan kana hundumaa godha. Jecha barreeffamee duubaan humni Waaqayyo jira (jechuun, macaafa Qulqulluu) dubbii jiraataa (jechuun Kristoos), jecha lallabamee (jechuun , Wangeella) jecha cimee (jechuun, Kristoosiin fakkaachuu/mootummaa Waaqayyoo).

**1:19** kun Isaayaas 29:14 irratti kan ibsamee dha. Kunnis kan Kakuu Moofaa fakkeenya wal fakkaata wal qixa tokkoo dha. Jabinni, Waaqayyoon ala kan ta'ee ogummaa namaa gowummaa ta'uu isaati (Isaayaas 29:13, Lalaba 1:12-18, 12:12).

▣ **"Baduu"** Kun kan Kakuu Moofaa qoodama luqisii dha (innis Isaayaas 29:14) Mata duree addaa Apaaloomi 8:11 ilaali.

**1:20** kun kan tarreefama namootaa qorataniiti (jechuun, Yihuudii fi ormaa). Kunnis Isaayaas 33:18 LXX irratti kan tuquu dha (Jooroom yaada kan macaafaa qulqulluu, fuula 257). Namoonni Wangeela qoratanii bira in ga'an. Inni barootaa keessatti kan dhoksamee Icitii Waaqayyoti (Effeessoon 2:11-3:13). Karoorii Waaqayyoo fi kennaan isaa gowummaa fakkaatu sababni isaa gatii namootaa fi ogummaa akkasuman waan godhuufi dha.

▣ **"Bara kanatti …. Kan biyya lafaa"** gaaleen lamaan kun kan isaan callaqisisan yaada-rimee wal fakkaataa yeroo ta'u kanaafis kun kan bara yeroo kufaatii isaani ta'uu isaati. Waaqayyoo yaadee kan turee biyyi lafa kan hin ture, ta'us garuu Wangeellii bara kufee kana Waaqayyoo yaadatee gara uumama duraan tureetti in ceesisa (jechuun, Uumamaa 1-2 fi Mul'ata 21-22).

"Biyya lafaa" jechi jedhuu Kakuu Haaraatti bifa lamaan fayyadama irra kan oole: (1) biyyaa lafaa foonii (jechuun, Yohannis 3:16) fi (2) Waaqayyoo biraa kan kufee walitti qabamee namaa, ijaaramuu isaa fi qaama ittiin hojjetuu (Yaaqoob 1:27, 4:4, 1 Yohannis 2:15-17). Barreeffama Phawloos keessatti jechi afaan Ibrootaa '*olam*, kan afaan Griikii *aiōn*, gara jedhutti isa *kosmos* jedhuu wajjin kan walfakkaatutti hiikameera (1:20, 2:6, 3:19, Effeessoon 2:2). Kan Kosmos mata duree addaa, kan Phaawulos kan kosmos (biyya lafaa) itti fayyadama 3:21-22 ilaali.

## Mata duree addaa: Bara kanaa fi bara dhufuu

Raajoonni Kakuu Moofaa kan gara fuulduraa kan argisiisaan kan ammatti fufee godhaniti. Isaaniif barri dhufuu Israa'eliifi teessumma lafaa harreessudha. Taus, isaan kan isaan ilaalan akka guyyaa haarattii (Isaayaas 65:17, 66:22). Itti fuufinsa kan qabuu fedhaan Yaahiwwee fudhachuu dhiisuun, kunnis sanyoota Abirahimin (bara bittaa booda illee) bifa haaraa kan qabuu kan Yihuuda kakuu kan tuquu kan ta'ee og-barruun bara dhumaa babalachaa dhufe (jechuun, Iheenook, IV Izzira, II Baaruuk). Barreefamni kun bara lamaan gidduu kan addaa baasan ta'u jalqaban, bara hamaa yeroo ammaa to'annaa seexanaa jala kan jiruu, fi kan dhufuu bara tolaa, to'annaa hafuura qulqulluu jala kan ta'ee fi Masihiin kan eebbifamee (yeroo hundaa loltuu cimaa).

Naannoo kana kan jiruu xin-waaqummaa (bara dhumaa) guddinni ifaa ta'ee tokkoo jira. Warra barumsa Waaqayyumma barsiisan kana "gudachaa kan deemuu mul'ata" jedhanii waamuu. Kakuu Haaraan baroota kana lamaan haara kan Kosmiikii (biyya lafaa) in jabeessu (jechuun, kan yeroo (kan lafaa) a temporal dualism).

| **Yesus** | **Phaawolos** | **Ibiroota** |
|---|---|---|
| Maatihos 12:32 | Roomee 12:2 | 1:2 |
| Maatihos 13:22 fi 29 | I Qorontos 1:20, 2:6, 8:18 | 6:5 |
| Maariqos 10:30 | II Qorontos 4:4 | 11:3 |
| Luqaas 16:8 | Galatiyaa 1:4 | |
| Luqaas 18:30 | Effeessoon 1:21, 2:1, 7, 6:12 | |
| Luqaas 20:34-35 | 1Ximootihoos 6:17 | |
| | 2 Ximootihoos 4:10 | |
| | Tiitoo 2:12 | |

Kakuu Haaraa keessatti barrii Yihuudotaa lamaan walirra aana sabaaba lamaan dhuufatti Masihiiti kan in eegamiin ta'uu isaati fi raajuun isaa guddatee mul'achuu isaa. Foon Yesus ta'uun eebba bara haaraa kan ta'ee raajii Kakuu Moofaa raawwatte (Daani'el 2:44-45). Ta'us, Kakuu Moofaan immoo kan isaa akka murteessaa fi mo'icha argamsiisaati dhufuu isaatti ilaalaniiru , ta'us inni duraan kan dhufee akka tajaajila rakkina fudhatuuti (Isaayaas 53, Zakkariyaas 12:10), kan gadi of qabee fi kan gadi of deebisee (Zakkariyaas 9:9). Innis humnan in deebi'a akkuma Kakuu Moofaatti akka raajamee Mul'ata 19). Sadarkawwaan isaan kana lamaani dhuma argachuudhaaf mootummaan isaa akka dhufuuf sababa in ta'u (eebba), garuu fuulduratti (guutummaatti hin firoomne). Kunnis kakuu haaratti yaada falmisiisuu dha, waan dur ta'eef, kan hin ta'in!

▣ **"Waaqayyo ogummaa biyya lafaa gowwummaatti in deebifneere"** seerlugni kan argisiisuu Phaawulos "eeyyee" deebii jedhuu akka eeguudha.

**1:21 "Sababa ogummaa Waaqayyoo"** kun tarii Fakkeenya 8:22-31 waabii ta'a. kan akka Yohannis 1:1-5, 9-14 hundumaa. Innis immoo kan argisiisuu Waaqayyoo kan kufe ilma namaa oolchudhaaf yaada qabu dha. Oolchuun laphee Waaqayyoo irratti kan yaadamee uumama fuula dura ( Maatihos 25:34, Hojii ergamoota 2:23, 3:18, 4:28, 13:29, Effeessoon 1:4, 1 Pheexiroos 1:19-20, Mul'ata 13:8). Karoori kun kan inni qabatuu

1) Duraan dursee beekuu kufaati ilma namaa
2) Ilmi namaa fedha Waaqayyoo raawwaachuu akka hin dandeenye (Keessa deebii 31:27-29, Iyaasuu 24:19, Galaatiyaa 3)
3) Kennaa Waaqayyoo Kristoosiin (jechuun, Kakuu Haaraan Ermiyaas 31:31-34)
4) Yihuudii fi Ormoonni amantii Kristoosiin jiruutti hafeeramuu isaani (lakk.21, Effeessoon 2:11-3:13)

**MATA DUREE ADDAA: SOCHII LOOTII LALABAA (BOB'S EVENGELICAL BAISES)**

Malli Tiyooloojii kootii kalvinizimii (Calvinism) ykn "Dispensational cal" miti, garuu komishinii guddaa lallaba wangeelaati. (cf. Mat. 28:18-20; Luq. 24:46-47; Hoer. 1:8). Dhala namaa cubbuuraa qulqullaa'e (dhiifama cubbuu argateef) waaqayyo kaayyoo baraa qabaaf jedheen amana. (Fakn. Uma. 3:15 12:3; Ba'u 19:5-6; Erm 31:31-34; His 18:36:22-39; Hoer. 2:23; 3:18; 4:28; 13:29; Rom. 3:9-18; 19-31). Isaanis warra Bifa isaa fi fakkeenya isaan uumamanidha. (cf. Uma. 1:26-27). Kakuun isaas kiristoos keessattis ni tokkummaa'e (cf. Gal. 3:28-29; Qol. 3:11). Yesuus hojjetaa waaqayyooti dhoksan kan ture amma ifa ba'a. (cf. Efe. 2:11-3:31). Wangeelota 'KH' tu furtuu caaffata qulqullaa'ooti malee Israaleloota miti.

Hubannoon duraan nuti qabnu hiika keenya ni murteessa. Hundumaa karaa sanaan dubbifna. Kun immoo yaada olii gad dha'ameedha, garuu kan ta'uu qabu karaa barreeffama qulqulluu qofadha.

▣ **"Waaqayyoon beekuu hin dandeenye"** Waaqayyoo kan beekamuu ta'uu isaa Girikoonni beekuu hin dandeenye. Waaqayyoollin isaani dadhabi namaa qabu, akkasumas biyya lafaa kana keessa in galan. Eenyummaa kufeen Waaqayyon barbaadani argachuun in danda'amu, haa ta'uu malee Waaqayyo mataa isaa karaa Kristoos of mul'isuu fillate, (jechuun sagallee jiraataa) akkasumas karaa macaafa Qulqulluu (jechuun, sagallee barreefameen) jedhees kan labsamee karaa ilma namaa (jechuun sagallee jabaate)!

▣ **"Waaqayyoo karaa ergaa gowummaa lallabamuun baay'ee gammade"** innis gochaa isaa miti, garuu qabiyyee Wangeellati, gowummaa sammuu kufeetiin kan ta'uu (2:14).

▣ **"Warra amanan fayyisuudhaaf"** gochi kun gochama ammaati, gocha ammaa keeyata Booz hordofe. Kunnis yaada isa guddaa labsii Wangeelaati! "Fayyisuu" jechii jedhuu Kakuu Moofaati fayyadama irra kan oolu qaama fayyisuudhaaf haa ta'uu malee kakuu haaratti fayyadama irraa kan oolu dhiifama hafuuraatiif fudhatama argachuu dha. Waaqayyoo dhaan karaa Kristoos fudhamuu nuyii qabnu dhugaa xumurameedha, haa ta'uu malee karaa keenya itti fufiinsa kan qabu walitti dhufeenya kakuuti. Waaqayyoodhaa fi namoota giddutti walitti dhufeenyi jiran hundumti isaa kakuu dha. Waaqayyoo yeroo hundumaa ka'umsa kakuutii fi safartuu isaa kan kaa'uu dha. Haa ta'uu malee nuyi dhuunfa keenyaati deebi akka laannuu fi deebi sanaaniis akka itti fufnu fillate. Mata duree addaa 3:15 ilaali.

## Mata duree addaa: Barbaachisummaa ciminaa

Macaafa qulqulluu kan ta'ee hundee amantii, jireenya kiristaanoota wajjin kan wal qabatee ibsuudhaaf baay'ee rakkisaa dha, sababii isaa dhi'eenyi isaa adda kan ta'ee kan warra ba'aa faallaa lama ta'uu isaati. Isaan lamaan waan wal faalleessan fakkatuu garuu laamanuu macaafa Qulqulluu dha. Amantootni warra lixaa kan isaan baratee dhugaa isa tokkoo fudhatanii kan biraa beekumsa faallaa dhiisuun yookaan gadi qabuu dha. Mee isiniifaan ibsa.

1. Fayyinni Kristoosiin amanuudhaaf murtoo ka'umsaati yookaan guutummaa jireenyaa kennuu dha, bartuu ta'uu dhaafii?
2. Fayyinni Waaqa isa guddaa irraa kan ta'uu fillannoo ayyaanaati, yookaan kennaa Waaqummaa kan ilmii namaa amanuu fi deebii qalbi jijjiiraanaatii?
3. Fayyinni al tokkoo yoo fudhatan deebi'anii dhabuu kan in dandeenyee dha yookaanis itti fufeenya kan qabuu yaalii kan gaafatuu?

Dhimmi jabinaa seena waldaa kiristaana hundumaa kan wal falmisiisu ta'ee tureera. Rakkinichi kan ka'uu walummaa galatti kakuu haaratti kan argaman kan wal falleessan keeyata

A. Itti gaafatamummaa bareefamaa

1. Dubbi Yesus dubbate (Yohannis 6:37, 10:28-29)
2. Dubbii Phaawulos dubbate (Roomee 8:38-39, Effeessoon 1:13, 2:5, 8-9, Filliphoos 1:6, 2:13, 2 Tessoollonqee 3:3, 2 Ximootihos 1:12, 4:18)
3. Dubbii Pheexiroos dubbatee (1 Pheexiroos 1:4-5).

B. Barbaachisummaa jabinnaa barreefama argisiisan

1. Dubbi Yesus dubbate (Maatihos 10:22, 13:1-9, 24-30, 24:13, Maariqoos 13:13, Yohannis 8:31, 15:4-10, Mul'ata 2:7, 17, 20, 3:5, 12, 21)
2. Dubbii Phaawulos dubbate (Roomee 11:22, I Qorontos 15:2, II Qorontos 13:5, Galaatiyaa 1:6, 3:4, 5:4, 6:9, Filliphuus 2:12, 3:18-20, Qollasihaas 1:23)
3. Haasa barreesiitoota Ibirootaa (2:1, 3:6, 14, 14:14, 6:11)
4. Dubbii Yohannis dubbatee (1 Yohannis 2:6, 2 Yohannis 9)
5. Dubbii Waaqayyo abbaan dubbatee (Mul'ata 21:7)

Fayyinni macaafa Qulqulluu kan inni madduu oolantummaa Waaqayyoo sadan tokkoo kan ta'ee jaallala isaa irraa, haraara isaa irraa fi ayyaana isaa irraa. Namni kaamiyyuu yoo ta'ee kakasuu hafuura qulqullu irraa yoo ta'uu baatee fayyuu in danda'uu (Yohannis 6:44, 65). Waaqummaan dhufee yaada isaa ijaara, haa ta'uu malee namoonni amantii fi qalbi jijjiiranaadhaan deebii akka kennan nii gaafata, ka'umsaafiis ta'ee itti fufeenyaaf. Waaqayyoo ijoollee namaa wajjin walitti dhufeenya kakuutiin hojeta. Caroomuu fi itti gaafatamumaawwaan jiru!

Fayyinni ijoollee namaa hundumaaf kennameera. Du'ii Yesus Kiristoos kan ta'ee sababa rakkina cubbuu uumama kufeefi. Waaqayyoo karaa kenneerra, akksumas bifa isaatti kan hojeetaman hundumtuu jaallala kennee fi deebii kennaa akka kennaniif barbaade.

Nannoo mataduree kanaatii ilaalchaa Kalviin kan hintaane baayee dubbisuu yoo barbaade

1 Dale Moody, *The Word of Truth*, Eerdmans, 1981,1981(fuulaa.348-365)
2 Howard Marshall, *Kept by the Power of God*, Bethany Fellow ship, 1969
3 Robert Shank, *Life in the Son*, Westcott, 1961 ilaali.

Macaafni Qulqulluun naannoo kanatti rakkina adda addaa lama argisiisuu: (1) Ija kan hin qabne kan jiruu fi jireenya dhuunfaa kan ta'ee kan akka ragaa itti gaafatamummaa fudhachuu (2) Tajaajilaa fi cubbii jireenya dhuunfaa irratti walaansoo kan qaban jajjabeesuu. Fakkeenyichi kan jiruu garee dogogoroon kan ergaa dogogoree fudhachuu fi seera barumsa Waaqayyuummaa keeyata macaafa Qulqulluu murtaa'an utuu godhaniti. Kiristaanoonni tokko tokko ergaa itti gaafatamummaa baay'ee utuu barabaadanii kan biroon immoo ofeegaachisa cimoo barbaaduu! Ati garee eenyuutii?

**1:22 "Yihudoonni milikita barbaadu"** kun kan calaqisiisuu Phaawuloos waa'ee jireenya beekumsa qabu dha. (Maatihos 12:38, 16:1, 4, Maariqoos 8:11-12, Yohannis 4:48, 6:30).

▣ **"Girikoonni ogummaa barbaadu"** "Girikoota" (*Hellēnes*) kan argisiisuu Yihudoota hundumaa namoota hin ta'ii dha. Kunnis ifatti kan mul'atuu Hojii Ergamoota 18:16-21, 32, Roomee 1:13 irratti fayyadama isaa ilaali.

**1:23** lakk. Kunni dirqamatti jalqabuu kan qabuu "garuu" kan jedhuu gochama. Deebiin Phaawuloos barbaacha lamaanifuu "milikitootaaf" wangeella "ogummaa" ture.

▣ **"Kan Fannifamee"** kun kan xumuramee keeyata hojii irra ooleedha. Fannifamuun Kristoos, loojikii yookaan dinqii osoo hin ta'in wangeelli Phaawulos dhimma isa guddaa ture. Kan yeroo xumuramee kan inni cimsuu Yesus "kan fannifamee" ta'uu isaati. Yesusiin samii irratti yeroo ilaalu mallattoon fannoo isaatti irratti argama (Yohannis 20:25) sababi isaa isaan kan ulfinnaa fi taayitaa mallattoo waan ta'aniif. Yesus qofa qaama Sillaassee keessaa qaama fooni kan qabu.

Dhugumatti ta'uu kan qabuu kan yeroo xumuramee kan raawwatame, innis kan irratti xiiyyaafatuu dhugaa tokkoo yookaan gochi xumuramuu isaa bu'aa isaa argisiisuuf (Daner and Mantey, A Manual Grammar of the Greak New Testament (Daner and Mantey, *A Manual Grammar of the Greek New Testament*, qajelfama) fuula 102-103). Yesus fannifamee fayyina keenya xumureera. Innis Uumama 3:15, Faarfannaa 22, Isaayaas 53, Zakkarihaas 12:10 xumura. Rakkina kan fudhatee Masihiin Yihudootaa fi kan nama naasisuu xin-waaqummaa ti! Kan durii labsi kan himaaniifi dhuga baatoti fayyadama irra kan oole taayita Masihii hubadhu.

1. Yesus Kristoosi dha (Masihii) Hojii Ergamootaa 5:42, 9:22, 17:3, 18:5, 28, I Qorontos 1:24
2. Yesus mucaa Waaqayyooti Hojii Ergamoota 9:20, Roomee 1:3-4

3. Yesus Gooftaa dha (Gooftaa kan callaqisiisuu, Yaahiwwee) Hojii ergamoota 2:36, 10:36, 11:20, Roomee 10:9, II Qorontos 4:5, Qolasi'aas 2:6

Kristoosiin mirkaneessuudhaafi cimsuuf isaan xin-waaqummaa walitti qabama fayyadama irra ooleera (Jamsi T.G.Dunn, Unity and diversity in the NT) (tokkummaa fi baay'ina Kakuu Haaraatti) fuula 34-63 ilaali.

▣

**NASB, NKJV**
**NRSV** **"Dhagaa gufachiisu"**
**TEV** **"Kan nama gufachiisu dha"**
**NJB** **"Gufachiisaa"**

Jechi Girikii kun (jechuun, Skandallon) fayyadama irra kan oole kiyyoo belladoota irratti kan godhamuu argisiisuuf (Galaatiyaa 5:11). Yihudootni Kristoosiin kan in fudhannee sababa fannifamuu isaatiin (Keessa deebi 21:23). Isaan kun Masihii eegaa kan turan akka mo'ee gala Geneeraala waraanatti ture. (Ta'us yeroo deebi'u ta'a!). Yihudonni rakkina fudhachuudhaaf Masihiidhaaf beekamtii hin laatan (Uumama 3:15, Faarfannaa 22, Isaayaas 52:13, 53:12) akkasumas sadarkaa lama in dhufuu (jechuun, foonummaa fi ulfinaan deebi'uu).

## MATA DUREE ADDAA: MASIIHII

Inni kun yaadannoo gamaaggamaa koo Dan. 9:6 irraa fudhatme. Jecha kana hiikuu irratti ulfinni kan jiraate sababa hiikonni ta'un danda'an jecha Masihii ykn kan muudame tokko wajjin walitti gamtaa'aniitin (BDB 603).

1. Mootota Yihudootaatiif fayyade (fakkeenya, 1Sam. 2:10; 12:3)
2. Luboota Yihudootaatiif fayyade (Fak. Lew. 4:3,5)
3. Cyrusiif fayyade (cf. Isa. 45:1)
4. #1 fi # Faarsaa 110 fi Zakaariyaas 4 keessatti walitti makamanii jiru.
5. Dhufaatii Waaqayyoo addaatiif fayyade Mootummaa Daawitii bara haaraa tolummaa keessatti fidhuudhaaf
    a. lenca Yihudaa (cf. Uma. 49:10)
    b. mana Jesse (cf. 2Sam. 7)
    c. bittaa guutummaa Waaqaa lafaa (cf. Faarsaa 2, Isa. 9:6; 11:1-5; Mik. 5:14ff)

Ani dhuunfaa kootti "nama muudame tokko" Yesuus Nama Naazireetiif adda baasamuu isaatti gammadeera, sababa

1. seensa Mootummaa Waaqayyoo inni bara baraa boqonnaa 2 yeroo mootummaa afratiin
2. seensa "ilma namaa" u:13 keessatti mootummaa bara baraa argate.
3. Himoota fayyinaa 9:24 isa bu'aa ba'ii dhala namaa kufe isa dhumaa argisiisu,
4. Itti fayyadamuu Yesuus Macaafa Daani'el Kakuu Haaraa keessatti (cf. mat. 24:15; Mar. 13:14).

**NASB, NJB** **"Ormootaafiis gowwummaa waan ta'eef"**
**NKJV** **"Girikitootaafiis gowwummaa waan ta'eef"**
**NRSV** **"Gowwummaan Ormootaaf"**
**TEV** **"Akkasumaan ta'uun ormootaaf"**

Girikonnii Kristoosiin sababi isaan in fudhanneef yaada-rimee du'aa ka'uutiif (jechuun, isaanii fi qaamni foonii ka'umsa waan hamaa waan ta'eef) dursanii yaaduu ilaalcha uumu wajjin wal hin simatu. Kun ibsa Phaawulos kan argisiisuu, kan yaadamuu kan ta'ee "du'ee kan ka'ee in oolee" waaqeffannaa waaqa tolfamaa qalijummaa (fertility) fi dhoksaa amantii inni guddaan falaasifii Girikii barsiisa isaani akka hin taane dha. Akkasumas dhugumatti Phaawulos waa'ee Yesusiin ilaalchi inni qabuu fi burqaa akka hin taanee dha.

Aadaa mataa isaaniitiin yookaan rammaddi biyyoolleessa Wangeela irratti akka murteessitan of eega dha. NKJV, Riseepetes Tekestesen hordofee "Girikoonni" kan jedhuu qabu. Innis kan nsirrate kan Girikii barreefama harkaa adda ta'ee hordofee C [3] and D[C]. Kan biroon bareefamni Girikoota hundumtu ormoota (Ithnesiu) kan jedhu qaba. "Girikiin" jechi jedhuu lakk. 22 fi 24 irratti in argama. Tarii bareesitootni durii lakk. 23 jijjiirani ta'a hundumaa wal fakkeessuudhaaf.

Waa'ee "gowwummaa" 1:25 irratti yaadannoo jiruu ilaali.

**1:24 "Kan waamaman garuu"** seensi I Qorontos cimsa kan laatuu waamicha Waaqayyootiif (jechuun, filamuu) fi ayyaanna Waaqayyoo akka hundee qophaatti, waldaa Qorontosiifi fayyinni (2:9, 26, 27, Effeessoon 1-2). Yohannis 6:44, 65 akka hubannutti eenyu iyyuu gara Waaqayyoti akka hin dhufnee dha. Hafuurri qulqulluun

hagaa isaaf in yaadneeti. Waamichi Waaqayyoo deebii namootaa hin jijjiirsiisu yookaan irraa gadi in hir'isu ka'umsaa irraas ta'ee itti fufuudhaanis.

## MATA DUREE ADDAA: Filatamuu

Filannoon barsiisa amantii ajaa'ibsiisaa dha. Haa ta'u malee, kun nama kaan irra wayyanii filatamuu utuu hin ta'in warri kaan akka fayyaniif karaa, meeshaa ykn sababii ta'uu jechuudha! Kakuu Moofaa keessatti jechi kun harka caalaatti tajaajila agarsiisa; Kakuu Haaraa keessatti immoo jalqabatti fayyina agarsiisa. Kunis tajaajila of keessaa qaba. Waaqayyo hundumaa danda'uun isaa fi fedha namaa yaadonni jedhan faallaa fakkaatu, garuu Macaafni qulqulluun yaada kana (faallaa ta'uu isaanii) hin deeggaru, Macaafni qulqulluun yaadota kana lamaan iyyuu ni deeggara! Macaafa qulqulluu keessaa kutaawwan ulfaatoo kanaan wal qabatanii jiraniif fakkeenyi gaariin Rom.9 isa waa'ee saba Waaqayyoo filatee dubbatuu fi Rom. 10 isa namni Waaqayyoon dhaga'uun dirqama ta'uu isaa dubbatudha (cf. 10:11,13)

Yaada ulfaataa kanaaf furtuun Efe. 1:4 keessatti argamuu danda'a. Yesuus isa Waaqayyo fo'atedha hundinuus isaan fo'amuu danda'a (karl Barz). Yesuus karaa ittiin Waaqayyo nama cubbamaadhaaf "tole" jedhudha (karl Barz). Efe. 1:4 dhimma kana kaayyoon fo'annaa Waaqayyoo Mootummaa Waaqayyoo (jannata) utuu hin ta'iin qulqullummaa (kiristoosiin fakkaachuu) akka ta'e dubbachuudhaan ifa godha. Yeroo baay'ee bu'aawwan Wangeela irraa argaman jaallannee itti gaafatamummaa keenya garuu ba'uu dadhabna! Waaqayyo nama Waamuun isaa (filannoo) kan yeroo akkasumas kan bara baraati!

Barsiisni amantii dhugaa tokko duwwaa irratti, yookiis dhugaa wal hin qabanne irratti utuu hin ta'in dhugaa wal qabatan irratti hundaa'a. Akka gaariitti kanaan kan wal fakkaatu urjii tokkoo fi walitti qabama urjiiwwanii waliin madaaluu dha. Waaqayyo akka kalaqa warra dhiyaatti utuu hin ta'in akka kalaqa warra bahaatti barsiisa. Dhibbaan (tension) dhugaawwan barsiisa amantii lama gidduutti qooqaan (waan faallaa fakkaatu) uumamu hanbisuun nu irra hin jiraatu (waaqayyo iddoo fi bakkaan kan hin daangeffamne ta'uu isaa fi ddoo hundumaa jiraachuu isaa waliin madaaluu. Fkn: eegumsa amansiisaa qabaachuu fi hamma dhumaatti amantiidhaan of eegachuu; Abbaa Wajjin qixa ta'uu Yesuusii fi abbaaf abboomamuu isaa; Bilisummaa Kiristiyaanummaa fi itti gaafatamummaa kiristiyaanummaan hidhata kakuudhaan uumameef qaban; k.k.f.)

Akka barumsa macaafa qulqulluutti yaadni "kakuu" hunda danda'uu Waaqayyoo (kophaa isaa) /isa yeroo hundumaa dhimmicha jalqabuudhaaf itti gaafatamummaa fudhatu/ qalbii diddiirrannaa jalqabaa fi walitti fufiinsa qabu, amantii namootaa (cf. Marq. 1:15; HE 3:16,19; 20:21) wajjin walitti hidha. Tokko deeggaranii tokko tuffachuu irraa of eegadhu! Barsiisa amantii sitti tole barsiisuu yookiis sirna barumsa amantii sitti tole barsiisuu irraa of eegadhu!

▣ **"Yihuudis ta'uu Girikii"** kun kan argisiisuu kaayyoo wangeellaa namoota hundumaa Kristoosiin tokkoo gochudha. Isa kana dhoksaan Waaqayyoo barootaa fi dhokatee kan ture amma garuu ifatti kan mul'ate (Effeessoon 2:13-3:13).

▣ **"Kristoosi human Waaqayyootii fi ogummaa Waaqayyoo"** gaaleen jalqabaa tarii ka wajjin adeemuu du'aa ka'uu Yesus wajjin "human Waaqayyoo" kan jedhuu fayyadamuun isaa sababa, Roomee 1:4.

Gaalee laman bifa fincilleen kan wajjin deemu rakkina waldaa Qorontos, kunnis beekumsa olqabuu wajjin ta'us inni sirrimatti kan tuqamuu fakkeenya 8:22-31 wajjin (jechuun, kan namaa kan ta'ee ogummaa uumamaa 8:6, Qolasihaas 1:15-17, Ibiroota 1:2).

**1:25 "Gowwummaan Waaqayyoo beekumsa namaa irra in caala"** kun kan kakuu moofa yaada qabatamaa dha (Isaayaas 55:8-9). Innis I Qorontos 1:18, 21, 23, irratti irra deddeebi'ameera. Jechi kun *mōros* dha. Inni fi kan isaa bifi addaa Phaawulos ergaa Qrontos yeroo baay'ee fayyadama irra ooleera. Mata duree addaa 15:36 ilaali.

1. *mōros* (gowwaa) I Qorontos 1:25, 27, 3:18, 4:10
2. *mōria* (gowwummaa) 1 1:18, 21, 23, 2:14, 3:19
3. *mopainō* (gowwaa ta'uu) I Qorontos 1:20

▣ **"Dadhabiin Waaqayyoo jabina namaa irra in caala"** kun hundeedhuman kan inni argisiisuu Waaqayyoo falmaa kan in qabne guddina isaati. Inni dadhabbi namaa keessatti ol ka'ee mul'ata (I Qorontos 12:5, 7-10). kun tarii kan inni argisiisuu ilaalcha namummaa qulqulluu du'a Yesus "kufaati wali galaati" (II Qorontos 13:4) garuu qabatamaati inni kan bara baraa mo'icha ture!

Wangeelli, mo'ichii, hundumtuu Waaqayyoodhaaf malee namaaf miti. Mata duree addaa: dadhabbi II Qorontos 12:9 ilaali.

## I Qorontos 1:26-31

**[26]Obboloota ko! Isin yeroo waamamtan, namoota attamii akka taatan of irratti ilaalaa! Akka yaada namaatti baay'een keessaan ogeessota miti; baay'een keessaan beekamoo miti; baay'een keessanis sanyi warra gurguddaa keessaa miti*.[27]Waaqayyo garuu namoota ogeessota yeellaasisuudhaaf, waan biyyi lafaa gowwaatti lakkaa'u fo'ate; Waaqayyo warra jaboo yeellaasisuudhaaf waan biyyi lafaa dadhabaatti lakkaa'u fo'ate. [28]Waaqayyo wanta jira jedhamu lafatti dabaluudhaaf, wantajira jedhamu lafatti dabaluudhaaf, wanta jira hin jedhamne , wanta biyya lafaatti gad deebi'aatti lakkaa'amuu fi wanta tuffatamaa fo'ate*. [29]Kanaafis namni tokko illee fuula Waaqayyoo duratti of hin jajin*. [30]Kristos Yesusitti jiraachuun keessan Waaqayyo biraa ta'e; Waaqayyo Kristos ogummaa keenya nuuf godhe. Isumaan qajeelota taanee, Waaqayyoof qulqulloofnee in furamna*. [31]Kanaafis, "Namni of jaju gochaa gooftaatiin of haa jajju!" kan jedhu caafameera*.**

1:26-31 Kun kan boqonnaa tokkoo keeyata dhumaa kan nu argisiisuu falmii irratti kan xiiyaafatee kan ta'u "ogummaa" fi "beekumsa" firooma kunnis wangeella wajjin akka adeemu. Kara tokkoon isaan "fafee" dha, kara biraan immoo "miishaa" dha. Herman Ridderbos' Paul an out line of his theology: (Phaawulosii fi xin-waaqummaa dhimma mata duree) irratti keeyata ajaa'ibsiisaa isaaniif tuquudhaaf.

> "Sirritti beekuudhaaf, amantiidhaa fi beekumsa firooma isaan qaban, jechuun, *pistis* fi *gnosis*,, akkuma amantii fi hojii kan adda addaa in baanee dha. Kara tokkoon beekumsi kan dhaabatuu karaa amantiiti, jechuun akkuma hojii gaariin Yihudootaaf ta'e, inni bakka kan bu'uu mataa isaa oolchuuf fedha nama jiruu dha. Faallaan kun guddachaa kan dhufee Galaatiyaadhaa fi Roomee innis hojii wajjin kan wal qabatee, kunnis amantii kiristaanaa haala *Gnosisin* kan qoruu dha, keessumatti I Qorontos ifa ta'eera (I Qorontos 1:26-29). Kanaafis balaan kun kan jiraatu Phaawulos kan njedhuu "ogummaa biyya lafaa" (I Qorontos 1:21) haala kanaan miti, garuu immoo bifa adda ta'e yoo ta'ee akn kiristaanaa *ginoosis* male. Phawawulos akka hubateetti *ginoosiis* matumma isaattuu hundumti keenya beekumsa akka qabnu in beekna (I Qorontos 8:1). Inni garuu batalummatti kana irratti dabalee beekumsii in hafuufa jaallali in qulleessa. Dhimmi kana irratti jiruu seera malee kan raawwatamuu Kristaanaa *ginoosisi* dha, isaas yoo ta'e ollaan mataa isaa yoo ol ol of qabee, dadhabaa irraa, tokkoo irraa birmadummaa mataa isaa irratti kan hunda'ee beekumsa tajaajila qabu, waldaa kiristaana qulleessuuf utuu hin ta'in. *Ginoosis* kun kan inni babalisuu of tulluummaa nama dhuunfa yeroo ta'uu jaallala mormee dhaabata. Bifa kanaan *ginoosis* akka hojii isaa hundumaa, jaallala mormee kan dhaabatuu ta'a.Dabalataniis inni kan miidhuu fi bu'a kan qabne ta'a (I Qorontos 13:2, 3)" fuula 242.

**1:26**
**NASB, NRSV**

| | |
|---|---|
| **NJB** | **"Hubadhaa"** |
| **NKJV** | **"Ilaalaa"** |
| **TEV** | **"Yaadadhaa"** |

Kun tokkoon gocha Yihudootaa xiyaafataa yookaan gocha ammaa kan nargisiisuu dha. Kakuu Moofaatti akkasitti hiikama "sadarkaa mataa keessani ilaala." Keeyaati kun kan jedhuu waldaa ishee duriitii fi geggeesitoota ishee kufisuudhaaf miti, garuu jaallala waaqayyootii fi humna isaa jabeessudhaaf malee. Innis ishee rakkistuu waldaa kiristaanaa of tulluummaa ishee dhabamsiisuudhaaf. Waldaan kiristaanaa ishee durii baay'inaan kan isheen ijaaramte "gadi ofdeebiiftee" kan gadi of deebiftee haawasa. Ta'us bifa wali galaan tokkoo qoqoodama Qorontos kan ta'ee degeertoota Roomee fi karaa aadaatiin beektoota kan ta'an giddutti. Isaan taayitaan biyya lafaa kan in qabneetti fayyadamanii Waaqqyyo humna mataa isaati mul'asa.

▣ **"Akka ogummaa foonitti ogeeyyoollii kan hin taanee baay'een"** kun kan argisiisuu ogummaa namaa yookaan sadrkaa biyya lafaatti (1:20, 2:6, 8, 3:18).

## Mata duree addaa: Foon (*sarx*)

Jechi kun Phaawulosiin yeroo baay'ee fayyadama irra kan oole Galaatiyaatti akkasumas guddinna xin-waaqummaa isaatii fi Roomee irratti. Beektoonni jecha kanaa karaa hiika adda addaa adda baasuudhaan adda addaa ba'u. sirrimatti hiiki tokko tokkoo kan wali irra oolu in jiraatu. Kan ittii fufuu naannoo sagalichaatti kan jiruu hiikii bal'an argisiisuuf kan dhi'aate bifa yaadannooti.

A. Qaama namaa Yohannis 1:14. Roomee 2:28, I Qorontos 5:5, 7:28, II Qorontos 4:11, 7:5, 12:7, Galaatiyaa 1:16, 2:16, 20, 4:13, Filli 1:22, Qoll 1:22, 24, 2:5, 1Ximos 3:16

B. Sanyiwwaan namaa, Yohannis 3:6, Roomee 1:3, 4:1, 9:3, 5, 8, 11:14, I Qor 10:18, Galatiyaa 4:23, 29
C. Namummaa namaa, Roomee 3:20, 7:5, 8:7-8, I Qorontos 1:29, II Qorontos 10:3, Galaatiyaa 2:16, 5:24
D. Jecha namaatiin Yohannis 8:15, I Qorontos 1:26, II Qoro 1:12, 5:16, 10:2, Galatiyaa 6:12
E. Dadhabbii namaa: Roomee 6:19, 7:18, 8:5-6, 9, II Qor 10:4, Gala 3:3, 5:13, 16, 19-20, Qollasi'aas 2:18
F. Namooti Waaqayyoo irratti dinummaa qaban, bu'a kufaati boodaan wal qabatee Roomee 7:14, 13:14, I Qorontos 3:1, 3 Effeessoon 2:3, Qolasiaas 2:18, 1 Pheexiros 2:11, 1 Yohannis 2:16

▣ **"Gurguddoota kan hin taanee baay'een"** kun kan argisisuu jabinna qaama yookaan ejjennoo gamtaati.

▣ **"Namoo ulfaatoo hin ta'in"** kun kan argiisiisuu kan maatii tokkoo (qabiyyee yeroo ta'uu innis kan argisiisii qabeenyaa, barnoota, fi fayyadama gamtaati. Isaan labsin sadan Sofistoota wajjin walitti dhufa, isaaniis barnoota isaanitti, sadarkaa isaaniti fi qaroomina isaanitiin baay'ee waan of jajaniif.

**1:27 "Waaqayyoo gowummaa biyya lafaa fillate"** gochi kun ilaalcha giddu galleessati. Waaqayyo mataan isaa humna isaa kara isa dadhabaa mul'isuu fillate, ulfina isaa fudhachuun kan irra jiruu eenyuu akka ta'e shakkiin tokkoo iyyuu akka hin jiraaneef (II Qorontos 12). Mo'ichii kan jiruu qabeenyaa Waaqayyootiin, argannoo namaa irratti utuu hin ta'in, (lakk.29, Effeessoon 2:9) yookaan ejjeennoo gamtaa.

"Gowummaadhaa" 1:25 irratti kan jiruu yaadannoo ilaali. "Biyya lafaaf" mata duree addaa 3:21-22 tti ilaali.

**1:28**

**NASB** **"kan biyya lafaa kan waa'ee in baafnee fi kan tufatae"**
**NKJV** **"Kan biyya lafaa kan Waa'ee in baafnee fi wantootaa tufataman"**
**NRSV** **"Biyya lafaatti kan gadi deebi'ee fi tufatamaa"**
**TEV** **"Biyyii lafaa ija tufiin kan ilaaluu fi kan inni tuffatu"**
**NJB** **'Safartuu namaatiin kan tuffatamee fi kan gadi bu'e kan ta'e"**

Gaaleen kun "ogeessa….jabaa….kan barate" kan jedhuu lakk. 26 irratti kan jiruu wajjin wal faalleessa. "Wantooti gadi deebi'aan jechi jedhuu akkuma jirutti "kan gadi bu'ani gadi deebi'aan" jechuun yeroo ta'uu, innis beektoota Roomeetii fi waabii kan kan biraati.

▣

**NASB,**
**NRSV** **"Wantoota hin taane"**
**NKJV** **"Wantoota hin taane"**
**TEV** **"Waan waa'ee hin baafne"**
**NJB** **"Waan tokkotti kan hin lakka'amne"**

Inni kun kan biraa wantoota gadi deebi'a/ramaddii namootaatii? Yookaas walitti qabaa? *kai* sababa jiraachuu dhiisuu isaatiin (jechuun, fi ,MSS P [46], a*, A, C*, D, F, G), gaalee kana duratti kan biraa irratti akka jiruu, inni tarii ibsa wali galaati. Waaqayyoo akkana kan jiraniif biyyi lafaa yaada kan itti hin lane namoota waamee itti fayyadama! Tuqaan xin-waaqummaas

1. "Fooni hundumtuu Waaqayyoo duratti of hin jajin" (1:29)
2. Humni Waaqayyoo fi dandeetiin mi'a kan ta'ee dadhabi namaa keessatti beekamee mul'ata (II Qorontos 12:1-10)
3. Gidduu galuu Kristoos mul'isa (1:30)

Isaan Yihuudaa fi Girikiin kan wal qabatanii fi jabeesanii kan hordofan Yaahiwween kan kennu dha, kara Masihiitiin human Hafuura Qulqulluutiin kan guutamee!

▣ **"Waan jiran hundumaa duwwaa gochuudhaaf"** jechi Girikii kun Katargeo dha. 1:18 irratti qabsisaa jiruu fi itti fufee kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: Duwwaadhaa fi akkasumaan (*KATARGEō*)

Kun (*katargeō*) isa tokkoo jecha jaallatamaa Phaawulos inni ala 25 itti fayyadameera, garuu immoo inni bal'aa kan ta'ee murtii hiikaa kan qabuu dha.

A. Kan isaa jecha hundee *argos* qabeessa boci isaa kan jedhuu
   1. Damaqaa kan hin taanee
   2. Hojii kan hiikee

3. Fayyadama irra kan hin oole
4. Bu'aa kan hin qabne
5. Kan hin hojjenne

B. *Kata* wajjin wal makee yeroo galuu kan ibsuu
1. Sochoo'uu dhiisuu
2. Faayidaa dhabuu,
3. wanta haqamee
4. Akkuma sanaan wanta hojjetamuu
5. Raawwate hojjeechuu kan hin dandeenye

C. Innis Luqaas irratti al tokkoo fayyadama irra ooleera, ija kan hin qabne, jedhees faayida kan hin qabne, mukaan kan ibsuu (Luqaas 13:7)

D. Phaawulos isa kan fayyadamee galumsa jecha dhokkataa dursa karaa lamaatiin
1. Waaqayyo hojeeta ta'ee wantoota hin hojjennee , ilma namaatiif diina kan ta'e
   a. Mucaan namaa kan uumama cubbuu Roomee 6:6
   b. Waa'ee seera Musee "sanyii" kakuu Waaqayyootiin wajjin kan wal qabatee Roomee 4:14, Galaatiyaa 3:17, 5:4, 11, Effeessoon 2:15
   c. Human hafuuraa I Qorontos 15:24
   d. "Namoota seera hin beekne" 2 Tessoollonqee 2:8
   e. Du'a foonii I Qorontos 15:26, 2 Ximootihos 1:16 (Ibiroota 2:14)
2. Waaqayyo isa moofaa (kakuu, bara) isa haaraadhaan bakka buusa
   a. Seera Musee wajjin wantoota wal qabatee Roomee 3:3, 31, 4:14, II Qorontos 3:7, 11, 13, 14
   b. Fakkenya gaa'ilaa seeraa fi fayyadama irra kan oole Roomee 7:2, 6
   c. Wantoota bara kanaa I Qorontos 13:8, 10:11
   d. Qaamni kun I Qorontos 6:13
   e. Geggeesitoota barichaa I Qorontos 1:28, 2:6

Jechii kun kan hiikamuu karaa adda addaa hedduu dhaan garuu hiiki inni guddaan wanta tokkoo faayidaa kan dhabsiisuu, duwwaadhaa fi gatii kan hin qabne, kan hin hojjenne, human kan hin qabne gohu dha, garuu immoo argama kan hin qabne ta'uu hin danda'u, kan haqamee fi raawwatee kan bade.

**1:29 "Namni kam iyyuu Waaqayyo duratti akka of hin jajne"** gochamichi gocha giddu galleessa cinaa yeroo ta'uu kan inni argisiisuus kan tasgabaa'ee fillannoo dhuunfaati. Eenyuu iyyuu kan uumamee qaamni foonii uumaa isaa duraatti mataa isaatiin of jajuu hin danda'u (Effeesson 2:9) isa kanaa ergaa Phaawulos dhugaa giddu galleessaa, Qorontosoota of tuultuu fi kan kufan ilma namaa wali gala Yihudootaas ta'ee ormootaa (Roomee 3:27, Effeessoon 2:9). Mata duree adda of jajuu 5:6 irratti ilaali.

▣ **"Namni"** kun akkuma jirutti fooni dha. Mata duree addaa 1:26 irratti ilaali

**1:30**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Inni kan nu godhee"** |
| **NKJV** | **"Kan isaa"** |
| **NRSV** | **"Inni burqaa isaati"** |
| **TEV** | **"Waaqayyoo'** |
| **NJB** | **"Isaan"** |

Kun akkuma jirutti "isa keessaa kan ba'e" dha, kunnisdubbii sookkoo kan Girikii ka'umsa sababaa kan ibsuu, sochii isa gudda. Abbaan in ergee Yesus in fide, akkasumas hafuurri Qulqulluun human itti godhe. Wantii itti fufuu kenna Waaqayyoti, amantootaaf karaa Kiristoos.

▣ **"Ogummaa Waaqayyo irraa ta'e"** Yihudoonni kan isaan yaadan ogummaan jecha dhokataa namaatiin ibsamuu isaati Fakkeenya 8:22-31 fi Qolasi'aas 2:2-3. Ogummaan namummaadhaan dhugaan namummaadhaan. Wangeelli namummaadhaan-Yesus! (Yohannis 14:6).

Kan ta'es ta'u, Phaawulos kan dubbatu waldaa keessa kan jiruu qaama falaasifaati, achi irraas Sophia (Sophia) of tulluummaan isaan irraa, aadaadhaaf barsifaata wajjin walitti dhufeenya jiruu, (jechuun, Fileetoo, Sooqiraxis, Aristootil, itti fufa…..). Innis barumsa irraa kan ta'ee jecha dhokataa ta'uu danda'a. Innis ta'u kan qabuu reefuu ba'aa kan jiruu Ginoostiizimii kunnis Qorontosiin kan jiruu bifa amantaa fillatamaa, tarii gara

waldaa kiristaanaa dhokatanii kan galanii dha (1:18-2:8, 3:18-23, 8:1-2). Akkas yoo ta'ee egaa Phaawulos Qolasi'aasitti kan dubbate faayidaa qaba (jechuun, Kristoos, mataa isaa, ogummaadhaa, Qolasi'aas 1:9, 2:3).

Ani akkan yaadutti jechi kun hundumtuu Kristoos amantootaaf kan inni godhee argisiisa, karaa Yesus

1 Inni nuufii Oogummaa Waaqayyooti
2 Inni nuufii tola Waaqayyoti
3 Inni nuufii qulqullummaa Waaqayyooti
4 Inni nuufii oolchuu Waaqayyoti

Innis Waaqayyo abbaan hundumadhaa karaa Waaqa ilmaa.

▣ **"Tola"** kun murtii xadechaa jecha dhokataa ta'eedha (Roomee 3:21-26, II Qorontos 5:21). Bara Phaawulositti barsisoonni walakkaa nama kan turee fakkeenya 8 ogummaa gara seera Museetti jijjiraniiru. Isaaf taayitaa inni ittin ga'u kennameefi ture. Phaawulos waldaa Qorontositti waa'ee qaama Yihudoota tureef yaada kan turee, kunni kan jaabatuu fi ibsa dhumaati.

## MATA DUREE ADDAA: QAJEELUMMAA

"qajeelummaa"n mata duree baay'ee murteessa ta'ee fi barataan mcaaa qulqulluus dhuunfaatti gadi fageenyaan qorachuu kan qabudha.

Kakuu Moofaa keessatti amalli Waaqayyoo "Qajeelaa" yookiin "qulfulluu"jedhamee ibsama (BDB841). Jechi inni Mosopotaamiyaa iyyuu kan inni dhufe, meeshaa ijaarsaa kan ittiin keenyaan manaa qajeelaa ta'uu isaa ilaalu irrati Waaqayyoo jedhichi fakkeenyaan amalli ofii isaatii akka ittiin ibsamuuf fo'ate. Inni golee qajeelaa (geggeessaa) isa wantoonni hundinuu ittiin madaalamanidha. Yaadni kun qajeelummaa waaqayyoo, akkasumas firdii kennuudhaaf aangoo qabaachuu isaa nu hubachiisa.

Namni akka fakkaattii waaqayyootti uumame (Cf. Uma. 3:15) Ilmaan namaa waaqayyoo wajjiin jiraachuudhaaf umaman. Uumamni hundinuu walitti dhufeenya waaqayyoo fi nama gidduu jiruuf sadarkaadha. Waaqayyoo uumamni isaa inni guddaan (namni), akka isa beeku, isa jaallatu, isa tajaajiluu fi akka isa fakkaatu barbaada! Amanamummaan (abboomamuun ilmaa namaa ni qormama (Cf uma 3) warri jalqabaa sun lamaanis formaaticha ni kufan. Kunis walitti dhufeenyi waaqayyoo fi Ilmaan namaa gidduu jiru akka jeeqamu godhe. (cf. uumama 3; Rom 512-21).

Waaqayyo walitti dhufeenya kana akka deebisuuf akka haaressuu waadaa galee (Cf.Uma 3:15). Inni kanaa kan hojjete fedha ofii isaatiin, karaa Ilma isaati . Namoonni walitti dhufeenya kana haaressuu hin dandeenye (Cf. Rofm. 1:18-3:20)

Kufaaticha booddee, tarkaanfiin jalqabaa Waaqayyo walitti dhufeenyicha haaressuudhaaf fudhatu, yaada kakuu irratti hundaa'ee isa waamicha ofii isaatii irraatti hundaa'ee fi isa ilamaan namaas qalbii jijjiirannaa dhaan, amantiidhaan , akkasumas abboomamuudhaan fudhatniidha. Kufaaticha irraa kan ka'ee , ilmaan namaa gocha sirrii godhuu hin dandeenye (Cf.Rom. 3:21-31; Gaala.3) Waaqayyo ofuma isaatiin, ilmaan namaa warra kakuu diigan deebisuudhaaf itti gaafatamummaa fudhachuutu irra ture. Inni kana kan raawwate:

1. Ilmaan namootaati karaa hojii Kiristoos hojjeteetiin qajeelummaan mul'isuu (kunis qulqulluummaa isa mul'ate)
2. Karaa hojii Kiristoosiin ilmaan namootaatiif qulqullummaa tola kennuu (kunis qulqullummaa kenname)
3. Hafuura isa nama keessa buufatuu fi qajeelummaatti nama geessu ilmaan namaatiif kennuu (kunis Kiristoosiin fakkaachuu, haareffamuu fakkaattii Waaqayyo)

Haata'u malee, Waaqayyo deebii kakkuu barbaada, Waaqayyo tola kenna, ilmaan namaa garuu

1. Qalbii jijjiirrannaadhaan
2. Amantiidhaan
3. Jireenya ofiitiin abbboomamuudhaan, akkasumas
4. Itti jiraachuu dhaan deebii kennuu qabu, kanas walitti fufiinsaan gochuu qabu.

Kanaafuu qajeelummaan, kakuu irratti kan hundaa'ee fi gochaa gar-lamee kan Waaqayyo fi uumama isaa isa gudicha gidduu jirudha.. Amala Waaqayyo, hojii Kiristoos akkasumas Hafuurichi nama dandeessisuu isaa irratti hundaa'uudhaan namni hundinuu dhuunfaa isaatti walitti fufiinsaan deebii sirrii kennuu qaba. Yaadichi " amantii fiixaan baafachuu" jedhama, yaadichi wangeelota kessati mul'ifameera, garuu jedhoota kanaan miti.

Kun baayinaan kan ibsamee phaawuloosiin yommuu ta'uu, Inni jecha Girikii " qajeelummaa" jedhu bifa gaaraagaraatiin yeroo 100 ol fayyadameera.

Phaawuloos, barumsa amantiitiin kan leenji'e waan ta'eef jecha *dikaiosunē* jedhu, hogbarruu Giriikii irraa utuu hin ta'n jdha SDQ jedhu isa haala Hibruutiin macaafa qulqulluu isa afaan Giriikiitiin barreeffameetiin

fayyadama. Barreeffamoota Giriikii keessatti jeechichi nama wanta waaqnii fi hawaasni irraa eeguuf abboomamuu agarsiisa. Haala Hibruutii immoo yeroo hundaa jechoota kakuuu mul'isaniin wal hidhee jira. YHWH n Waaqa qajeelummaa, kan seeraa fi kan safuuti. Inni namoonni isaa amala isaa akka calaqqisiisan barbaada. Ilmaan namaa erga fayyina argatanii uumama haaraa ta'uu.Haaraa ta'uun kun immoo akkaaaa jireenyaa haaraa isa Waaqayyon fakkaatuutti nama geessa (xiyyeeffannoo mirkaneeffannoo Kaatoolikii Roomaa). Israa'el seera amantiitiin buliiwaan tarteef safuu uummataa fi fedha waaqayoo gidduu hiramanii if ta'e hin turre. Ibsi kun jedhoota Hibruu fi Giriikii tiin kan bsame yommuu ta'u afaan Ingiligiitti yommuu hiikamuus " Justice" (haqa) (uummataaf) " righteousness" (qajeelummaa) immoo (Amantiidhaaf) fayyadama.

Wangeelli yessuus(Misiraachoon) namni inni kufee ture Waaqayyo wajjiin walittidhufeenya isa jalqabaatti deebi'uu isaa dubbata. Kun kan inni raawwatame galaala, Araaraa fi Ayyaana Abbaa; jireenyaa, du'aa, fi du'aa ka'uu ilmaa; akkasumas gara wangeelichaatti nama geessuu Hafuura qulqulluutiini.Fiixaan ba'umsa fayyinaan kennaa Waaqayyo tola kennuudha. Garuu Waaqayyon fakkaachuunis jiraachuu qaba (yaada oogee---- isa yaada jijjiiiramaa, tola kennamuu Wangeelaa calaqqisiisuu fi xiyyeeffannoo kaatoolikii Roomaa jireenya jijjiirame isa kun jaalalaa fi amantii qabaachuu irrattti. Warra jijjiirama hordofaniif jechi " Qajeelummaa Qaaqayyoo" jedhu hojii nama isa cubbamaa Waaqayyo duratti kan fudhatame gochuu kan mul'isu yommuu ta'u warra kaatolikiitiif immoo adeemsa ittiin caalaatti Waaqayyon fakkaatan kan agarsiisuudha.Qulqullummaa guddachaa adeemu.

Qabatamaatti yommuu ilaalamu garuu yaadni kun lamaanuu fudhatam qaba!!

Akkaataa ilaalcha kootiitti Gutummaan Macaafa qulqulluu uumamaa 4 hanga mul'ata 20 tti adeemsa Waaqayyo walitti dhufeenya isa Eden sana deebisuudhaaf adeeme kan agarsiisuudha. Macaafni qulqulluun walitti dhufeenya Waaqayyo fi nama gidduu jiru haala lafa irratiin ibsuudhaan jalqaba (Cf. uma 1-2) , akkasumas haaluma wal fakkaatuuun xumurama (Cf mul 21-22) Fakkaattiinii fi kaayyoon Waaqayyo deebi'ee haareffamuuf jiraa!

Waantoota armaan olitti ibsaman guduunfuudhaaf, barreeffamoota Kakuu Haaraa keessaa filataman kanneen gare jecha Giriikii mul'isan qalbifadhu.

1. Waaqayyo qajeelaadha. (yeroo baay'ee Waaqayyo Abbaa firdii ta'uu isaatiin wal-qabata)
   a. Rooma 3:26
   b. 2Tasaloniqee 1:5-6
   c. 2 Timootewoos 4:8
2. Yesuus qajeelaadha.
   a. Hojii ergamootaa 3:14; 7:52 ; 22:14 (muudama Masihii)
   b. Maatiwoos 27:19
   c. 1Yohaannis 2:1 29; 3:7
3. Akeekni Waaqayyo uumama isaatiif qabu qajeelummaadha.
   a. Lewwota 19:2
   b. Maatewoos 5:48 (Cf.5:17-20)
4. Karaa waaqayoo ittiin qajelummaa uumuu fi kennuu
   a. Roomee 3:21-31
   b. Roomee 4
   c. Roomee 5:6-11
   d. Galaatiyaa 3:6-14
   e. Waaqayyon kan kenname
      1) Roomee 3:24; 6:23
      2) 1 Qoronxoos 1:30
      3) Efesoon 2:8-9
   f. Amantiidhaan kan fudhatamu
      1) Romee 1:17: 3:22, 26; 4:3, 5, 13; 9:30; 10:4, 6, 10
      2) 2Qoronxoos 5:21
   g. Karaa hojii ilmatiin
      1) Roomee 5:21
      2) 2Qoronxoos 5:21
      3) Filiiphsiyuus 2:6-11
5. Fedhii Waaqayyo warrii isa duukaa bu'an qulqulloota akka ta'anidha.
   a. Maatewoos 5:3-48; 7:24-27

b. Roomee 2:13; 5:1-5; 6:1-23
c. 1ximootewoos 6:11
d. 2ximooteewoos 2:22:3:16
e. 1Yohaannis 3:7
f. 1pheexiroos 2:24

6. Waaqayyo qajeelummaadhaan biyya lafaatti faraduuf jira
   a. Hojii ergamootaa 17:31
   b. 2ximootewoos 4:8

Qajeelummaan amala Waaqayyo isa nama cubbamaadhaaf karaa iristoos kennameedha. Qajeelummaan

1. Abboommii Waaqayyoti
2. Kennaa Waaqayyoti
3. Hojii Kiristoosi

Garuu kan bal'inaan fudhatamuu qabu qajeelummaan akkasumas ademsa ittiin Waaqayyon fakkaachutti guddatan ta'uu isaati kunis guyyaa tokko dhufaatii isaa lamma irratti ifa ba'uuf jira. Walitti dhufeenyi Waaqayyo wajjiin jiru yeroo fayyanitti deebi'e namaaf haara'a garuu du'a booddee yookiin parousia ttifuulaa fuulatt walitti dhufuuf jireenya keessatti walitti fufiinsaan guddachaa itti fufa.
Armaan gaditti waraabbii gaarii tokki dhimma kana gudduunfuudhaaf dhiyaateera. Waraabbiin kun kan inni fudhatame, Galmee jedhootaa phaawuloosii fi xalayoota isaatii, IVP irrtti " kalviin, Luutar caalaa, bia walitti dhufeenyaa Qabaachuu qulqulummaa Waaqayyo irratti xiyyeeffata . Ilaalchi luutar qajeelummaa Waaqayyo irratti qabu bifa cubbuu namaa namaaf dhiisuu waan of keessaa qabu fakkaata. Kalviin garummaa walitti dhufeenychaa yookiin qajeelummaan Waaqayyo nuuf ennamuu isaa irratti xiyyeeffata.(fuula 8:34).
Akkakootti walitti dhufeenyii Waaqayyo fi nama gidduu jiru bifa sadii qaba.

1. Wangelichi nama (xiyyeffanno waldaa ishaa bahaa fi kalviin)
2. Wangeelichi dhugaadha(Xiyyeeffannoo Oogastiinii fi Luutar)
3. Wangeelichii jireenya jijjiiramedha (xiyyeeffannoo kaatoolikii)

Kaneen kun hundumtuu dhugaadha, jireenyaa kiristiyaanummaa fyya qabeessa, cimaa fi macaafa qulqulluu irratti hundaa'eefis wal-duukaa ilaalamuu qabu/ Tokko illee yoo keessaa akka malee ol kaafam yookiin gadi buufame, rakkoowwantuu uumamaa.

Nu'i Yesuusiin simachuu qabna!
Nuyi wangeelicha amanuu qabna!
Nuyi Kiristoosiin fakkaachuu duukaa bu'uu qabna!

▣ **"Qulqulla'uu"** kun seera aarsaa jecha dhokataa Israa'el (Roomee 6:19-23). Kun "qulqulluu" yookaan "kan nqulqullaa'e" kan jedhuu hundee wal fakkatuu irraa kan dhufeedha. Kakuu moofatti inni kan argisiisuu namaaf, bakkaaf, yookaan wantootaaf yeroo ta'uu, kunnis tajaajila Waaqayyootiif kana adda ba'ee dha. Haala barumsa Waaqayymmaatiin kan argisiisuu amantoinni Kiristoosiin bakka isaan qabanii dha. Tokkoo isaan amanatii isaa yeroo keeyatu, tolaa ta'aa, in qulqullaa'a (Roomee 8:30). Mata duree addaa 1:2 ilaali.

▣ **"Oolchuu"** kun "deebisani bittuu" jechuu dha (Roomee 3:24). Kun gabaa garbaa kan ta'ee jecha dhokataa dha. Innis isa guddaa kan Kakuu Moofaa yaad rime fayyinaati.

## Mata-duree addaa: Furuu

I. Kakuu Moofaa:
   A. alqabarratti jechoota Ibirootaa lamatu jiru. Yaadi rime kana kana mul'isanis:
      1. *Ga'al*, Bu'uurri jecha kanaa gatii kaffaluudhaan "Bilisa Baasuu"jechuudha. Yaad-rimeen jechi Gool jedhuu waan tokko dhuunfaadhaan seenuu; miseensa maatii. Amalli aadaa akkanaa kun mirga meeshaalee, bineensotaa fi lafa (Leew. 25:27) ykn firoottan (Ruut. 4:15; Isaa. 29:22;)deebisanii bituu dha. Amalli Waaqummaa isaa Waaqayyo Isiraa'eliin Gibxii furuu isaa mul'isuuf (Kees. Deeb. 6:6; 15:13; Faar. 74:2; 77:15; Erm. 31:11). Kunis Furii ta'eera jedha. (Iyyo. 19:25; Faar. 19:14; 78:35; Fakk. 23:11; Isaa. 41:14; 43:14; 44:6:24; 47:4; 48:17; 49:26; 54:5:8; 59:20; 60:10; 63:16; Erm. 50:34).
      2. *Padah*, (Padah): Hiikni isaas "oolchuu"ykn "furuu"jechuudha.

a. Furii ilma hangafaa (Ba'uu 13:13; 14; Lakk. 18:15-17)
b. Furiin foonii faallaa furii hafuuraa ti. Faar. 49:7; 8:15
c. Waaqayyo Isiraa'eliin cubbuu fi hammeenya isaaniitti isaan ni fura. Faar. 130:7-8

B. Yaadi-rimeen hafuuraa isaa wantoota walqabatoo sadii of keessatti qabata.

1. Rakkina, garbummaa, kisaaraa, hidhaa
   a. Kan qaamaa
   b. Hawwaasummaa
   c. Hafuuraan (Faar. 130:8)
2. Bilisummaaf, gadi-dhiifamuu fi deebi'uuf gatii kaffaluu qaba.
   a. Saba Isiraa'eliif (Keess. Deeb. 7:8)
   b. Nama dhuunfaatiif (Iyyoob 19:25-27;33:28)
3. Inni tokko akka isa gidduu seenuutti ykn gargaartuutti hojjechuu qaba. Akka Gaalitti kun kan ta'u miseensa maatii ykn fira dhihootiin.
4. Yaahiwween yeroo mara kan inni ittiin of ibsu jecha maatiitiin.
   a. Abbaa
   b. Abbaa manaa
   c. Fira dhihoo.

Furiin kan inni mirkanaa'u, bakka- bu'iinsa qaamaa yaahiwweetiin. Gatii ni baasa kanaaf ni furama.

II. **Kakuu Haaraa**

A. Yaad-rimeen yaada waaqarraa ibsuuf jechoonni baay'een hojiirra oolaniiru.

1. *Agorazō* (1Qor. 6:20; 7:23; 2Pheex. 2:1; Mul. 5:9; 14:3-4). Jechi kun jecha daldalaa ti. Innis gatii waanta tokko agarsiisu kan calaqqisiisuudha. Nuti namoota jireenya ofii keenya to'achuu hin dandeenye warra dhiigaan bitamanii dha. Nuti kan Kiristoos.
2. *Exagorazō* (Gal. 3:13; 4:5; Efe. 5:16; Qol. 4:5). jechi hunis jechuma waa'ee daldalaa ibsuudha. Du'a Iyyesuus bakka-bu'iinsa keenya du'eedha. Iyyesuus gocha seeraa (Seera Musee Efe. 2:14-16; Qol. 2:14) irratti kan hundaa'e abaarsa ilmaan namootaa warri cubbamoota ta'an baachuu hin dandeenye baateera. Innis abaarsa keenya baate (Keess. Deeb. 21:23;) hunduma keenyaafis (Maar. 10:45; 2Qor. 5:21) jaalalaa fi furiiIyyesuus ilma waaqayyoo fi araaraa isaa isa guutuutti fudhatamuun ta'eera.
3. *Luō* "Bilisa Baasuu"
   a. *Lutron*, "Gatii baafame" (Maat. 20:28; Maar. 10:45). Jechoonni kun jechoota ciccimoo kaayyoo dhufaatii Isaatii ilaalchisee, fayisaa biyya lafaa ta'uusaa ilaalchisee kan Isaa kan hin ta'in gatii cubbuu baasuudhaaf afaan Iyyesuus keessaa bahaniidha (Yoh. 1:29).
   b. *Lutroō* "Gadi-dhiisuu"
      (1) Isiraa'eloota furuu; Luq. 24:21
      (2) Saba Isaa furuu fi waamuuf ofiisaa kenne Tiit. 2:14
      (3) Bakka- bu'aa cubbuu hin qabne ta'uu; 1Pheex. 1:18-19
   c. *Lutrōsis*: "Furuu, Fayisuu ykn Bilisa baasuu"
      (1) Raajii Zakkaariyaas waa'eee Yesuus Luq. 1:68
      (2) Galata Hannaan waa'ee Yesuus Waaqayyoof dhiyeessite Luq. 2:38
      (3) Aarsaa Iyyesuus Isa fooyye-qabeessaa fi isa si'a tokko dhiyaate; Ibir. 9:12
4. *Apolytrōsis*
   a. Deebi'ee dhufuusaatiin furamuu (H. Erg. 3:19-21)
      (1) Luqaas 21:28
      (2) Rom8:23
      (3) Efe 1:14
      (4) Ibrota 9:15
   b. Du'a Kiristoosiin furamuu
      (1) Rom3:24
      (2) I Qorontos 1:30
      (3) Epheson 1:14; 4:30
      (4) Ibrota 9:15
5. *Antilytron* (1Xim. 2:6). Barreeffamni kun akka Tiitoo 2:14 tti barreeffama murteessaadha.

Hiikamuu ykn gadi dhiifamuu du’a bakka bu’iinsaa Iyyesuus Fannoorratti du’e waliin wal qabsiisa. Inni aarsaa isa tokkichaa fi isa fudhatama qabuudha. Hundumaafis kan du’eedha. (Yoh. 1:29; 3:16-17; 4:42; 1Xim. 2:4; 4:10; Tiit. 2:11; 2Pheex. 3:9; 1Yoh. 2:2; 4:14).

B. Yaad-rimeen amala waaqaummaasaatii kaku haaraati kan agarsisu

1. Ilmaan namaa garbummaa cubbuutiin qabameera (Yoh. 8:34; Room. 3:10-18; 6:23)
2. Ilmi namaa garba cubbuu ta’uusaa seera Musee fi (Galaa. 3)lallaba Iyyesuus isa Gaara irratti lallabameen (Maat. 5:7) ibsameera. Gochi namootaa firdii du’aa ta’e (Qol. 2:14)
3. Iyyesuus Ilmi Waaqayyoo inni mudaa hin qabne hoolaa waaqayyoo ta’ee bakka keenya dhufee du’e (Yoh. 1:29; 2Qor. 5:21). Cubbuurraa kan nuti bitamneef akka isaaf hojjennuuf. (Room. 6).
4. Iyyesuusii fi Waaqayyo waa’ee keenyaaf kan hojjetan firoottan dhihoodha. Kunis walitti dhufeenya maatummaa ittifufaa taasisa. (Fira dhihoo jechuun abbaa, abbaa manaa, ijoollee, obboleessa)
5. Furamuun gatii Seexanaaf baafame otuu hin taane karaa araaraa ittiin sagaleen Waaqayyoo fi tolli Waaqayyoo jaalalaa fi guutuummaa kennuu Waaqayyootiin walitti araaramaniidha. Fannifamuu isaatiin nagaan argameera; hammeenyi namootaa dhiifama argateera; fakkeenyummaan Waaqayyoo (tokkummaa jaalalaatiin) namoota irratti hojjechaa jira.
6. Gara fuula duraattis furiin Waaqayyoo ni jiraata. (Room. 8:23; Efe. 1:14; 4:30 ;). Kunis du’aa ka’uu foonii keenyaa fi firummaa qaamaa nuti Waaqayyo waliin qabnu of keessatti qabata. Qaamni keenya inni
furame qaama Kiristoos fakkaata (1Qor. 3:2). Inni qaama qaba, garuu qaamni isaa kun bifoota baay’eedhaan mul’ata. Yaada dhokataan (1Qor. 15:12-19; 35-59) irra jiru ibsuun rakkisaadha. Foonni
qaama biyya lafummaa qabaachuun isaa beekamaadha. akkuma kana wanti Waaqarraa qaama hafuuraa
qabaata. Iyyesuus garuu qaamota lamaanuu qabaata. Yesuus lamaansa qaba!

**1:31** kunni Ermiyaas 9:23-24 ti kan tuqamee dha, Phaawulos luqisii kanaa II Qorontos 10:17 irratti irra deebi’a. “Gooftaa” keeyataa Ermiyaasiin Yaahiwwee yemmuu argisiisuu, asitti garuu Yesusiin! Kun barumsa Kakuu Haaraatti kan baratameedha Waaqummaa Yesus Kiristoos cimsuun.

Ofi keenyaan boonuun nuuf in ta’uu, garuu isaan guutummaan hundumtuu kan jiruu fi fakkeenya Waaqayyoti fooniin nu gidduu kan bulee! iIaan kun lamaa luqisii Ermiyaas kan argisisaan I Qorontos 1-4 fi II Qorontos 10-13 walitti dhufeenya jiruu dha. Warri diinota walitti ta’an Soofistooti Yihudootaati, isaanis tooftaa jecha bareedaatiin kan of jajan (Bruce W. Winter, Philo and Paul Among the Sophists (Fiilloodhaa fi Phaawulos soofistoota giddutti))

## Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Waamichi Waaqayyo yeroo hundummaa Phaawulosiin maaliif cimsi itti laatamee?
2. Waaqayyo namoota cubbamoota akkamitti “Qulqulluu” jedhee waamuu danda’aa?
3. Kennaan hafuura Qulqulluu waldaa kiristaanaatiif kaayyoon isaa maalii?
4. Waldaan kiristaanaa Qorontos maaliif baay’eetti qoqoodamtee?
5. Lakk. 12 amantii gamtaa ammayyaa wajjin akkamitti adeemaa?
6. Lakk.17 irratti Phaawulos cuuphaa dhiiseeraa?
7. Yihudoonni maaliif wangeella utuu hin fudhatin hafanii?
8. Girikoonni maaliif wangeella utuu hin fudhatiin hafanii?
9. Waaqayyo wangeella tamsaasuu fi tokkoo illee gamtaa yookaan ejjennoo barnootaa kan hin qabne namoota maaliif filatee ?

# I Qorontos 2

## 1HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Kiristoos isa fannifame labsuu<br>2:1-5<br>Mul'ata Hafuura Waaqayyotiin<br><br>2:6-16 | Kiristoos ni fannifame<br>2:1-5<br><br>Ogummaa hafuuraa<br><br>2:6-16 | Kiristoos ni fannifame<br><br>2:1-5<br>Ogummaa hafuuraa<br><br>2:6-13<br><br>2:14-16 | Ergaa waa'ee Kiristoos isa fannoo irra ta'ee<br>2:1-5<br>Ogummaa Waaqayyoo<br>2:6-12<br><br>2:13-16 | Ogummaa isa dhugaa fi isa Soba<br>(1:17-3:4)<br>2:1-5<br><br><br>2:6-9<br>2:10-16 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo

3. Keeyyata lamma

4. Keyyata sada

5. kkk

## Qabiyee barreefama I Qorontos 2:1-16

A. Waldaa Qorontosittii hayyuun sadarkaa oolaanaara kan jiran xiqqoo turan (jechuun, kan jaarraa tokkofaa aadaa beekunsa dubbachuu). Qabiyyee barreefama kanaatiin baayyee kan ol ol qabame beekumsa nama fi raawii, Phaawulos boqonnaa tokkoti kan jalqabee, kunisi ayaanaa Waaqayyoo irrati ciimsaa laachuu dha (Efeesoon 2:1-10 akkumaa godheedha). Akkasumasi innii, Oogumaafi beekumsi kennaa Waaqayyoo kessa ta'uu isaanii simateera. Booqonaa lama kesaatti Phahuuloos qabannoo kanaan ittiifufee mul'atii faallaa isaa argama nama cimsaan ilaala. Warri Qorontos beekumsa qaban irratti tokkollee mormii akkaa hiqabnee, akkasumatti isaan sadarkaa walqixaan beekumsa sana fayadamuu irratti mamun irra hinjiru.

B. Jalqabuma irratiyuu, boqonaan 2:1,16 boqonaan 1:18-25 bifa ifa ta'eenidha

C. Lakkofsii 10-16 hubachuun kandanda'amuu keesa waan afuraa beeyee ykn mul'atoota waabii godhachudhaan.Waaqayyoo mataa isaa nuttii ofmu'iisuufii akka godhe hunduma rawateera (jechuun, mul'ata 10-12), innis namoota murtaa'an filatera, hojii isaa galmeesanii ha'isaniif (jechuun, liqinfamu,lak 13),akkasumas garadhumati dhugaa mul'atichaa isaa guddaa, macaafa ququluu kandubbisan akkaa hubataniif Afuurri ququluun isaan dadeesisa(jechuun,isaaniif ibisa,lak. 14-16).

## MATA-DUREE ADDAA: MUL'ISUU (ILLUMINATION)

Baroota darban keessa Waaqayyo dhala namaatti of mul'isuuf adda baasee gocha hedduu godheera. Gama Tiyooloojiitiinis kun "Mul'ata" (revelation) jedhama. Innis namoota hedduu filatee akka isaan galmeessaniif of ibsuu kana akka ibsaniif godhe. Gama Tiyooloojiitiinis kun ibsuu /mul'isuu jedhama. Afuurri qulqulluun dubbii

Waaqayyoo nama hubachiisa jennee yemmuu ibsinu rakkinni ka'u ni jira. Kan kanaafuu maaliif ibsi isaa hedduun jiraate? Jedhu. Rakkinni kunis kan inni mul'atu hubannoo fi muuxannoo jalqaba dubbistootni qaban keessatti. Ajandaan namummaa kan inni uumamu Wangeela akka barru mirkaneessuu (proof text) ykn Faashinii ammayyaatti ilaaluunidha. Ibsi Tiyooloojii kaawaa Wangeela ibsuu irratti qabu bakkawwan muraasaa fi karaalee filatamoo ta'an qofaan eeyyama. Afuurri qulqulluun lamaan isaanii keessattiyyuu argamu, mul'isuu (Illumination) fi ibsuu (inspiration) salphaa dhumatti wal qixa miti.

Ibsa gaarii kan ta'e yaada ijoo keeyyata ibsuuf yaaluu malee hiika bal'aa ta'e tokkoon tokkoon barreeffamaaf kennuu miti. Kunis duree yaadaa kan ijoo dhugaa barreessaa jalqabaa miidhuu danda'u waan ta'eefidha.

Gumee kitaabaaf baasuun ykn Ijoon og-barruu yaada/fedha barreessaa jalqabaa duukaa bu'uuf nama gargaara. Jijjiirraatu ibsama miti. Malawwan ibsa Wangeelaa barreessitootni itti fayyadaman irra deebinee uumuu hin dandeenyu. Waan isaan baroota isaanii keessatti jedhanii darban hubachuuf yaaluun baroota keenya keessatti dhugaa sana dubbachuudha kan nuti dandeenyu. Kutaan wangeelaa hin hubatamne ykn dhoksaa ta'es ni jira (hanga yeroo muraasaatti). Yeroo mara waldhabbiin (waliigaltee dhabuun) barreeffamoota muraasaa fi dhimma isaaniirratti ni jira, garuu ijoo dhugaa isaa adda baafnee ibsuu fi yaada barreessaa jalqabaa hordofuun jijjiirtotni akka jiran bilisummaa kennuufii qabna. Warri hiikkatanis ifa qabaniin adeemuu qabu. Yeroo mara ibsa wangeela irraa argatanii fi Hafuura qulqulluurraa qajeelfama argataniin sammuu banamaan ilaaluu qabu. Waaqayyos sadarkaa hubannoo keenyaa irratti hundaa'uu fi akkamitti akka jiraannu yaaduu keenyan qajeelfama nuuf ni kenna.

## Mata duree addaa: Inspirationii (namaa ifuu)

"Kan yeroo tokkoo hundumaaf" amantiin kan inni argisiisuu dhugaa, hundee ammantiwwaani yaad-rimee, biyya lafaati kan xiyyeefaatu barumsa kiristaanummaati (2 Pheexiroos 2:21). Kun al tokkocha kan laatame cimsa xin-waaqummaa (theology) murtaa'ummaa kan qabu liqinfamuu dha, tilmama dursaa macaafa Qulqulluu kunnis barreefama kakuu haara, akkasumas kan boodaa yookaan barreefamoonni biroon liqinfamuun kan ta'e akka lakka'aman hin hiyyamu. Qabatamaa kan hin taanee baay'een, waan hin mirkaneefatmne, akkasumas ifaa kan hin taanee naannoon Kakuu Haaraa jiru, haa ta'uu malee amantonnii kan cimsan dhugaadhaan "barbaachiisa" wantootni ta'an, gochaa fi amantiidhaaf iftoomina ga'aa Kakuu Moofaatti hamatamuu isaaniti.

Yaad-rimeen isaa "mul'ata golee sadan" kan jedhuu ifatti ibsameera.

1. Waaqayyo mataa isaa seena keessatti yeroo fi bakkaan of mul'iseera (Mul'ata)
2. Innis kan murta'aan barreesitootaa namaa fillateera, gocha isaa akka galmeesanii fi akka ibsaniif (liqimfamuu)
3. Inni hafuura isaa kenneera, sammuu fi laphee namaa akka banuuf barreefamoota kana akka hubataniif, bifa murtaa'en utuu hin ta'in fayyinnaa fi kan milkaa'ee jireenya kiristaanummaa bifa gahaa ta'een (ibsa)

Kan tuqaa kanaa kan ta'uu liqimfamuuqulqulluu sagallee isaaf barreesitoonni murtaa'oo ta'u isaaniti. Kan biroon aboo kan qaban dabalatan barreeffamoonni, kan gala galfaman, yookaan mul'ati hin jiraatan. Qulqulluun Sagallee isaa cufameerra. Dhugaan nuu barbaachisaan hundummaa qabu, qabnas, Waaqayyoodhaaf bifa sirri ta'een gammachuudhaan deebbii akka laanuuf.

Dhugaan kun sirritti kan argamuu barreesitoonni macaafa Qulqulluu wali galteedhaa fi qajeelloo kan ta'an, amantoota gaarii wali galuu dhabuu dha. Eenyu iyyuu barreessaan ammayyaan yookaan dubbataan ergama geggeefama Waaqayyummaa qaba, barreesitootni sagallee isaa akka qaban hundummaa.

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

### I Qorontos 2:1-5

**[1]Yaa obboloota ko! Ani yeroon gara keessan dhufe, namoota kan biraa caalaatti dubbachuudhaan
yookiis ogummaa argisiisuudhaan, dhoksaa Waaqayyoo isinitti lallabaa hin dhufne*. [2]Hamman isin bira
turettis Yesus Kristos, isa fannifame sana duwwaa beekuu koo akkan mul'isuuf murtoo godheen ture*.
[4]Dubbiin afaan koo, lalllabni koos humnii fi hafuurri Waaqayyoo akka na keessa jiru argisiise malee, dubbii
ogummaa namaa keessaa ba'een amansiise miti*. [5]Egaa amantiin keessan humna Waaqayyoo irra malee
ogummaa namaa irra hin dhaabanne*.**

**2:1 "Obbollootaa"** kun waamicha amantootaa Phaawulosiin yeroo baay'ee fayyadama irra in oola. Hubatees ta'ee muraasa hubatee, sadarkaa itti fufee argisiisuudhaaf, dhi'eessuu dhugaa yookaan dhi'eesuu dhugaa wanta haaraa(2:1, 3:1, 4:6, 7:24, 10:1, 11:33, 12:1, 14:6, 20, 35, 15:1, 31, 50, 58, 16:15). Sagallichi waldaa kiristaanaa Qorontositti dhiras ta'e dubarti kan ibsuu dha**.**

▣

**NASB "Anis jechaa fi caalma ogummaatiin in dhufnee"**
**NKJV "Jechaa fi caalmaa ogummaatiin in dhufne"**
**NRSV "Anis labsuun in dhufnee….dubbi fillatamaadhaan yookaan ogummaadhaan"**
**TEV "Anis sagallee jabaadhaa fi barnoota guddaadhaan in fayyadamne"**
**NJB "Anis dandeetii haasa foyya'aatiin yookaan falmii ogummaatiin hin dhufne:"**

Phaawulos mataa isaatiif (jechuun, Phaawulos Qorontositti hojii 18:1-18) beekumsaa fi dandeeti haasa soban ol ol jedhee akka qaban kan tilmaaman Qorontos 1:1, boodas geggeesitoonni waldaa Kiristaanaa kan ta'an gidduttii garagarummaa jiruu tarreesseera. Phaawulos, Phaawulos utuu hin ta'in beekaa haasaa ture, Phaawulos akkasuma tooftaa haasa isaatti akka godhuu in barbaadu turan (Birus W. Winter, Philo and Paul among the Sophists) (Filoo dhaa fi Phaawulos Sofiistoota gidduutti) kan jedhuu ilaali.

"Argamuu" (*huperochē*) kan itti fufee jiruu mataa duree adda ilaali.

## Mata duree addaa: Kan Phaawulos "HUPER" (kan caale) walin makamoo

Phaawulos adda kan ta'ee dandeetti jecha haara uumu qaba, wal madaalchisuu Girikoota Huber fayyadamuudhaan, innis jalqabumma irraa hiika isaa "gararaa" yookaan "kan ol jedhee" jechuu dha. Kan hubachiisuu (kan hojii irra oolchu) fayyadama irra yeroo oolu hiikii isaa "….karaa" in ta'a. innis immoo "waa'ee" yookaan "kan ilaalate" in ta'a, akka Peri (II Qorontos 8:23, 2 Tessoollonqee 2:1). Innis kan wal harkisuu kan ilaalatu ta'ee hiiki isaa fayadama irra yeroo ooluu "ol" "kan ol jedhee" yookaan "kan caalee" jechuudha. (A.T. Robertson, A Garammer of the Greak New Testament in the light of historical research,) Kakuu Haaran (kan Girikii seerluga haala qayyabbannaa seenaatiin) fuula 625-633. Phaawulos yaad-rimee isaatti cimsa akka argatu yeroo barbaaduu wal bira qabuu kana akka walin makuutti fudhata. Itti fufeenyaan Phaawulos fayyadama wal bira qabuu addaan (walin makuudhaan).

A. *Hapax legomenon* fayyadama jecha adda ta'ee (Kakuu Haarakeessatti al tokkoo fayadama irra kan oole)
   1. *Huperakmos*,, kutaa jireenya darbee isa guddaa tokko, I Qorontos 7:36.
   2. *Huperauxanō*,, guutumaatti dabaluu 1 Tessoollonqee 1:3.
   3. *Huperbainō*,, dursuu jechuu yookaan immoo wal bira darbuu, 1 Tessoollonqee 4:6
   4. *Huperkeina*,, gara oli II Qorontos 10:16
   5. *Huperekteina*, baay'ee kan babalate II Qorontos 10:14
   6. *Huperentugchanō*,, wal danda'uu Roomee 8:26
   7. *Hupernikaō*, baayee dadhabaa ta'uu Roomee 8:37
   8. *Huperpleonazō*, baay'ee kan irraa hafee ta'uu 1 Ximootihoos 1:14
   9. *Huperupsoō*, guddummaadhaan ol jechuu Filliphusiis 2:9
   10. *Huperphroneō*, yaada ol jedhaa kan qabu ta'u Roomee 12:3

B. Barreeffama Phaawulos qofan jechoota fayyadama irra oolan
   1. *Huperairomai*,tokko ol qabuu II Qorontos 12:7, 2 Tessoollonqee 2:4
   2. *Huperballontōs*,madaalli dhaa oli kan irra hafee II Qorontos 11:23 (dabal gochami as qofa irratti, garuu gochamni II Qorontos 3:10, 9:14, Efesoon 1:19, 2:7, 3:19)
   3. *Huperbolē* haga irra darbee hidhannoo irraa hafee Roomee 7:13, I Qorontos 12:31, II Qorontos 1:8, 4:7, 17, 22:7, Galaatiyaa 1:13
   4. *Huperekperissou*, hagaa ol, Efesoon 3:20, 1 Tessoollonqe 2:20, 5:13
   5. *Huperlian*, sadarkaa ol aanaa yookaan sadarkaa ol jedhaa , II Qorontos 11:5, 12:11
   6. *Huperochē*, kan mul'ate kan ol jedhe, I Qorontos 2:1, 1 Ximootihos 2:2
   7. *Huperperisseuō*, baay'ee irra hafoo, Roomee 5:20 (sagallee giddu galeessa, guutee kan irraa hafee, kan irra dhangala'ee II Qorontos 7:4)

C. Phaawulos fayadama irra kan oolan jechaa fi darbe darbee kan biroo barreessitoota kakuu haara
   1. *Huperanō*, kan ol jedhe 1:21, 4:10 fi Ibiroota 9:5

2. *Huperechō*, kan caale, sadarkaa caaluun Roomee 13:1, Filliphuus 2:3, 3:8, 4:7, 1Pheexiros 2:13
3. *Huperē phanos* taayitaa yookaan of tuullummaa kan qabu Roomee 1:30, 2 Ximotihoos 3:2 fi Luqaas 1:51, Yaaqoob 4:6, 1Pheexiros 5:5

Phaawulos miira guddaa of kennaa nama qabu ture, wantototni yookaan namoonni gaarii yeroo ta'an baay'ee gaarii turan, yookaan gadhee yoo ta'an baay'ee gadhee ture. Isaan walingaa waa'ee cubbuutii fi Kristoosii fi wangeellaa fi miira guddaa qabachaa turee ibsuudhaaf isa dandeesiseera.

▣

**NASB, NKJV "Dhuga baatii Waaqayyoo"**
**NRSV, NJB "Dhoksaa Waaqayyoo"**
**TEV "Dhugaa dhoksaa Waaqayyoo"**

Isaan kun adda kan ta'ee barreefama Giriki qabu. Jechi Girikii Musteron (dhoksaa) MSS P [46],a*,A fi C irra jira Marturion (dhuga baatii barreeffama durii keessatti jira a [2], B, C, D. innis "dhoksaa" yoo ta'ee yaad-rimeen kun 2:7 irratti mul'ateera Effeessoon 2;11-3:13 fi Qolasi'aas 1:26-17 innis kan Yihudootaati fi Girikootaa karaa Kristoos maatii tokkoo akka ta'an gamtaa isan qabanii dha (jechuun, waldaa kiristaana). Innis "dhuga baati" yoo ta'ee deebi'ee 1:6 wajjin walitti dhufa, kunnis "wangeella" wajjin wal fakkaataa ta'a. UBS[4] "dhoksaa" kenna, sadarkaan kan B (jechuun guutuumaatti utuu in ta'in mirkana'aadha.

"Dhoksaa" jechii jedhuu jaarraa 1 Gibxii irraa kan argamee waraqaa Koone irratti argameera, yeroo hundummaa fayyadama irra akka ooleetti kunnis haaraa kan ta'ee beekumsaf ka'umsa ta'a. rammaddi addaaf (jechuun, dhoksaa amantii). Phaawulos jecha ogummaa kana fudhatee hafuurri qulqulluun kan jedhen wajjin bifa walitti dhufeen fayyadameera (jechuun, amantoonni) fi amantoota kan hin taanee wajjin. Tuqaa kana irratti tokko iyyuu kan addaa hin qabu dhi'aanaan Phaawulos, amantoota giddutti (1:3). Hundumtuu akka "bilchaataan" ta'e fudhatameera (2:6).

## Mata duree addaa: Dhoksaa

Waaqayyo ijoollee namaa oolchuudhaaf akeeka tokkummaa qaba, kufaatti hordofe illee yoo ta'ee (Uumama 3). Karoora kana kan argisiisan Kakuu Moofaan (3:15, 12:3, Ba'uu 19:5-6 ibseera, akkasumas kan wali galaa kan ta'ee keeyata raajootaa). Kan ta'es ta'ee kan guutummaan dhimma mata duree kanaa ifaa hin ture (I Qorontos 2:6-8). Kan Yesus dhuufatti hafuura Qulqulluu hordofee baay'ee ifaa ta'aa dhufee. Phaawulos "dhoksaa" jecha jedhuu fayyadameera, isaan kana karooraa oolchuu wali galaa ibsuudhaaf (I Qorontos 4:1, Efesoon 6:19, Qolasi'aas 4:3, 1 Ximootihoos 1:9). Ta'us, baay'ee kan gararummaa qabuu galumsa adda addaa fayadameera.

1. Kan Israa'el murasii isaani laphee jabaachuu isaani, ormonti akka itti dabalamaniif hiyamuu. Kun ormonnii itti dahngalauu Yihudootni Yesusiin akkuma raajii sanaatti akka Kristoositti fudhachuudhaaf akka ogummaa ta'ee tajaajileera. (Roomee 11:25-32).
2. Wangeellichi ormoota hundumaaf akka beekamuu godhameera, isaaniis hundumtuu Kristoosiinii fi karaa Kristoos kan hordofaniidha (Roomee 16:25-27, Qolasi'aas 2:2).
3. Kan amantootaa qaama haara lama dhufaatti isaatti (I Qorontos 15:5-57, 1 Tessoollonqee 4:13-18).
4. Hundumtuu Kristoosiin ammatamuu isaa (Efesoon 1:8-11).
5. Ormootaa fi Yihudootni walii wajjin dhaaluu (Efeesoon 2:11-3:13).
6. Waldaan Yesus Kristoos firooma dhi'eenya kakuu ga'ilaatiin ibsamteeti (Efesoon 5:22-33).
7. Ormoonni saba kakuu isaa wajjin ammatamaniiru, akkasumas hafuurri Kristoos isaan keessa haa buluuf, kunnis Kristoosiin fakkaachuu bilchina akka horatan, kunnis ilma namaa kufee bifa Waaqayyoo deebisuuf (Uumama 6:5, 11-13, 8:21) Waaqayyon nama keessatti (Uumama 1:26-27, 5:1, 9:6, Qollasiaas 1:26-28).
8. Kan bara dhumaa mormituu Kristoos (2 Tessoolloonqee 2:1-11).
9. Waldaa ishee duri dhoksaa walii galaa 1 Ximootihos 3:16 irratti argama

**2:2 "Ana"** lakk.1-5 Phaawulos mataa isaa kan dorgomsiisuu fakkaata.

1. Inni duraan dursee wangeelli innii Ateensitti dhi'eesse, kunnis loojikii Girikii kan fayadamee caaladhumatti immoo welistoota isaani tuqee (jechuun, jalqabaa yaada haaraa dhi'eessuu isaa Hojii ergamoota17: 16-34)
2. Dhi'aannaan wangeella isaati faalla ogeessoota Qorontosiin turaanii fi beekumsaa dubbi namaatiin kan dubbatan kunnis waa'ee wantoota hafuuraati.

▣ **"Yesus, Kristoos, innis akka fannifamee"** galumsi xumuramee kun keeyata Booz (1:23). Keeyata Booz kana irratti xin-waaqummaa lamatu mul'ata.

1. Gochamni xumuramee kan mul'isuu Ysus kan fannifamee ta'uu isaati. Yeroo ilaalu, ammayyuu godaanisa isaa itti jira. Isaanis malattoo ulfinnaa ta'aniiru (1:23 irratti kan jiru qabsiisa ilaali).
2. Keeyati hojii irra oole kan inni mul'isuu Yesus in du'ee
    a. Kara abbaa kan hojjeetamee fi kaayyoo isaa bara baraan ta'uu isaa (Hojii ergamoota 2:23, 3:18, 4:28, 13:29) oolchuudhaaf (Isaayaas 53:10).
    b. Cubbuu namaatiif hameenyi aarsaa barbaachiseera (Roomee 5:14-15, 18-19)

Bakka ijoollee namaa du'ii Kristoos ergaan isaa barumsi Waaqayyummaa Phaawuloosiif ergaa giddu galleessati. Rakkina kan fudhatee fi kan du'e yaad-rimeen Masihii kan warra aadaa Yihudoota yaada isaaniitif orma ture. Kan akka kanaa bifni wangeellaa ka'umsa isaa irraa Phaawulosiin iyyuu rakkisee ture. Yaahiwweedhaan kan dibamee akkamitti Waaqayyoon abaramuu danda'a (Keessa deebii 21:23). Kunnis kan Kakuu Moofaa kutaa mul'ataa yoo ta'e illee (Uumama 3:15, Faarfannaa 22, Isaayaas 53, Zakkariyaas 12:10). Yesus, cubbuu kan in qabne ilma Waaqayyo bakka keenya du'e (Roomee 5:18-19, II Qorontos 5:21). Innis waa'ee keenyaaf abaramaa ta'e (Galaatiyaa 3:13). Kristoos hunduma keenyaa fi fannoon isaa kan Waaqayyo dhoksaa dhokkatee dha (Qolasi'aas 1:26-28, 2:2-4).

**2:3 "Anis dadhabiin isin wajjinin ture sodaadhaaf raafama guddaadhaan"** kun tarii seera Ba'uu 15:16 LXX irratti kan tuquu dha. Phaawulos kan in geenye ta'uu isaa nu argisiisaa jira.

1. Innis in soodaata turee, Filliphiyaati, Tessoolloqeeti, fi Beeriyaa kan turee haala rakkisaa (Hojii Ergamoota 16-17).
2. Innis mufiin itti dhaga'amee ture bu'aa isaatiinis akkasumas Ateensiinis tooftaa inni ittiin taa'ee (jechuun, ilaalcha isa jalqabaa Hojii Ergamootaa 17:22-34).
3. Rakkina qaama, tarii dhukkuba ijaa, rakkina guddaa kan irratti uume (II Qorontos 112:7-9)
4. Phaawulos Qorontosiin yeroo turee amantii dhabuudhaaf jajjabaachuu dadhabuu.

Kristoos yeroo baay'ee Phaawuloosiin jajabeessuudhaaf itti mul'ateera (Hojii Ergamoota 18:9-10, 23:11, 27:23). Jecha isaatii fi qabiyyeen qaama isaa in ture namoota Kristoositti akka amanan kan jijjiire, haa ta'uu malee garuu kadhannaa wangeelaa fi humna hafuura Qulqulluuti (lakk.4, 1:17, II Qorontos 10:10).

Innis ana na gargaareera, akka tajaajilaa Kristoostti akkan hubadhuuf

1. Yesus mataan isaa yeroo hin jajjabaane tureera (jechuun, Geteesemanii)
2. Ergamoonni mataan isaani yeroo baay'ee barumsa Yesus cimsani hin hubatan turan.
3. Phaawulos sodaadhaaf I dadhabbiin itti dhaga'aama ture.

Yeroo hundumaa dadhabbii foonii in fudhana, akkasumas immoo daangaa kan in qabne kan wangeellaa humnaafi hafuura Qulqulluu argachuu! Amala Waaqayyooti fi kennaa isaa dadhabbi namaa keessatti beekamee mul'ata (1:26-29, II Qorontos 12).

Dadhabbiin Phaawulos isaan kana innis barsiisoonni sobduun Phaawulosiin miiidhuudhaaf (II Qorontos 10-13). Isaanis jabina isaani ol ol kaafatu (jechuun, barumsa, ejjeennoo gamtaa, kennaa hafuura, dandeetti haasaa). Walummaa galatti barreefamni Phaawulos baay'inaan bifa cimeen kan qinda'aniidha (jechuun II Qorontos 10:10-13) akkasumas jecha ergaa isaa caalaa baay'ee cimaadha. Mata duree addaa dadhaabii II Qorontos 12:9.

**2:4**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"sagallee ogummaa nama sosobuun miti"** |
| **NKJV** | **"Jecha ogummaa namaatiin nama sosobu miti"** |
| **NRSV** | **kan nama sosobuu jecha ogummaatiin miti"** |
| **TEV** | **"Ogummaa namaa kan ta'ee jecha ogummaan kan dhi'aate miti"** |
| **NJB** | **"Falmii beekumsaan amansiisuu kan jedhuun miti"** |

Garagarummaa hedduuttu jira, gaalee kana kan ilaalatu, barreeffama Girikii irratti.

1. Rakkoon jalqabaa kan wal qabsiisuu maxantuu darbe darbee ta'een peithois dha (MSS p 46 a, A, B,C,D, innis saptuwajeentiidhaan, waraqa Koone, yookaan Kakuu Haarabakka kamittu in argamu
2. Tokko tokko akka yaadanitti garagarummaan maxantoota wajjin baay'ees wal beekumsa kan hin qabne kara barresiitootaati. Isaanis boca isaa hanga murtaa'ee gara peithoi jijjiraniiruu hiiki isaas "wali galuu" gara ta'etti.
3. Barreefamni Girikii tokko tokkoo "yaada namooti kennan" itti dabalameera (2:13 fi MSS a[2], A, C).

4. Barreeffamni tokko tokkoo “jecha” jechi jedhuu (jechuun, logois yookaan logos) itti hirkateera (MSS p46, F, G fi barreeffamni Girikii innis krisisitoom).

Baay’ee kan fooya’ee kan fakkaatuu, qabiyyee barreeffamaa wali galaa, gaalee kana fudhatee Phaawulos irraa jecha bareedaa namootaa, loogic, fi ogummaa fudhachuu dhiisu wajjin gochu dha (1:17, 2:1, 13,). Ta’us Peithois jechi jedhuu hiika sirri utuu hin mirkaneefatiin akka jiruu dha (NIDNTT, unka 1, fuula 580-593) ilaali.

▣ **“Hafuuraa fi humni mul’isuudhaan ture”** kun kan argisiisuu kan warra Qorontos jireenya geggeedaramaa dha. Innis immoo tarii kan wajjin deemuu mallattoo mirkaneefachuu qabaachu isaa, jechuun, yeroo hundumaa Wangeella Phaawulos lallaba isaa duukaa bu’ee waan ta’uu dha. (Hojii Ergamoota 13:11, 14:10,16:18, 28, 19:11-12, 20:10). Isa guddaadhaa fi isa xiqqaadhaan “S” Spirit galumsa 2:11 irratti ilaali.

2:5 Phaawulosi fi abdii ilma namaa qophaa isaa ayyaana abbaa, ilmaan hojii xumuramee fi hafuura Qulqulluu ture. Jecha biraatiin, Waaqayyo mataan isaa qophaa isaa hundee fayyina dhugaati. Mul’ati Waaqayyo, argannoo namaa utuu hin ta’iin ogummaa Waaqayyooti, haas beeku namootaa yookaan loogikii utuu in ta’in, isa qofa burqan amananna.

Phaawulosi , Wangeelli Waaqayyoo fi kan kufee ilmi namaa deebii kakuu sirri ta’ee (jechuun, qalbi jijjiirannaa, amantii,aboomamuu fi jabina) dha. Furtuu jireenya bara bara

## I Qorontos 2:6-13

**6 Haa ta’u iyyuu malee, ogummaa bara si’anaa, yookiis ogummaa warra biyya lafaa kana seerratanii, ofiis golgolaa’uuf jiranii, yoo ta’uu dhaabaate iyyuu, warra bilchaatan keessatti immoo dubbii ogummaa in dubbanna. 7Nuyi dubbii dhoksaa ogummaa Waaqayyoo isa hin beekamin ture sana dubbanna; Waaqayyo ulfina isaa irraa dubbanna; Waaqayyo ulfina isaa irraa akka hirmaannuuf uumamuu biyya lafaa dura ogummaa sana yaadee qopheesse*. 8Warra biyya lafaa kana seerratan keessaa tokko iyyuu ogummaa kana hin hubanne; utuu hubataniiru ta’ee, gooftaa ulfinaa hin fannisan turan *. 9Caaffata qulqullaa’oo keessatti, “Waan Waaqayyo warra isa jaallataniif qopheesse, iji namaa hin argine, gurri namaa hin dhageenye, yaadninamaas bira hin geenye” in jedha*. 10Waaqayyo garuu hafuura qulqulluudhaan isa kana nutty mul’ise; hafuurri qulqulluun waan hundumaa, yaada Waaqayyoo isa gadi fagoo iyyuu qoee bira in ga’a*. 11Waan yaada namaa keessa jiru, hafuuruma namicha keessa jirutu beeka malee, eenyu illee yaada Waaqqyyo hin hubatu. 12Ammas nuyi kennaa isa Waaqayyo biraa nuuf kenname beekuudhaaf, hafuura isa Waaqayyo biraa dhufe fudhanne malee, hafuura biyya lafaa kana hin fudhanne*. 13Kanaafis nuyi dubbii hafuura warra hafuurricha argataniif waan hiiknuuf, isa dubbannu barsiisa hafuurichaatiin malee, barsiisa ogummaa namaatiin hin dubbannu*.**

**2:6 “Warra bilchaatan gidduutti dubbi ogummaa in dubbanna”** Phaawulos tarii

1. Asitti dubbii sookkoo fayyadameera Qorontos irraa ogummaa namaa ol ol qabuu fi mata isaani mataa isaan mataa isaaniif kan qaban “kan bilchinaa” tilmaama addaa wajjin kan wal qabatee (Georje E. Ladd, A Theology of the New Testament (barumsi Waaqayyummaa Kakuu Haaraa) fuula 383-385)
2. Kun tari kan wajjin adeemuu amantoota haaraadhaaf 3:1-4 irratti kan jiran Phaawulosis walda kiristaana keessa kan jiruu hafuura qoqodama biyya lafaa wajjin kan adeemu
3. Effeessoon 4:13 sagallee ta’ee kanaa, teleios, kan ibsuu amantoota bilchaatanii dha. Ijoollee irra qixa ol jedheen (jechuun, akkuma jiruutti “daa’ima” Effeessoon 4:14). Dabalataniis 14:20, Filliphoos 3:15, fi Ibiroota 5:14 irratti kan jiru hubadhu. Sagalichii Ibirootan akkamitti fayyadama irra akka oole gaditti kan jiru mata duree adda ilaali .

Sagalichi Ibirootaan akkamitti faayida irra akka oole kana gadi kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: Raawwata yookaan guutuu (TELOS)

Kun wantoota hafuuraa sadarkaa ol aana irra ooluun isaa Ibiroota birratti qabatamaa irra deddeebi’amee dha.

1. Telos dhuma, raawwataa (3:6:14, 6:8-11)
2. *Teleiōo*
    a. (Yesus) argama fayyina isaani karaa rakkinnaatiin kan fidee guutuu agarsiisuuf (2:10)
    b. (Yesus) karaa dhiphinaatiin guutuu ta’uu isaa kan argisiise
    c. Seerichi guutuu gochuu hin danda’u (7:19)

d. Ilmi isaa bara baraan guutuu godha (7:28)
e. Kan inni waaqessuu guutuu isa in godha (9:9)
f. Gara isaatti warra dhi'aatan guutuu isaan in godha (10:1)
g. Kan qulqulla'aan yeroo hundumaaf guutuu isaan in godha (10:14) nurra karaa fagaateen guutuu ta'uu in danda'an (11:40)
h. Hafuuri namoota qajeelota guutuu isaan in godha (12:23)

3. *teleios*, kan bilchaate (5:14)
4. *teleios*,, qulqulluu qulqulloota (9:11)
5. *Teleiotēs*, gara guutuumatti in dhiiba (6:1)
6. *Teleiōsis*, mudaa kan hin qabnee fi kara seera Luboota Leewotaan osoo ta'e (7:11).
7. *Teleiōies*, jalqabaa fi xumura amanti keenya (12:2)

Yesus bilchinaa fi mudaa malee ta'uu fideera, kakuun Musee mudaa malee gochuu kan hin dandeenye!

▣ **"Ogummaa, ta'es kan biyya lafaa kanaa kan hin taane"** kun Phaawulos waa'ee Yihudoota macaafa Qulqulluu yaad-rimee wal qabataa, kunnis waa'ee bara lamaan kan inni cimsee dha. Kan bara hamaa ammaa, innis eenyummaa kufee jala kan jiru, fi bara tolaa dhufuu innis Masihii jala kan jiru. Ogummaan namaa kan biyya lafaa ta'us dursa tilmaamaati, akkasumas akka aadaa aadaati akka baraa baraati I jijjirama. Barri Yihudoota lamaan yaad-rimeen kan jedhuu mata duree addaa 1:20 irratti ilaali.

▣ **"Ta'u batuus bittooti biyya lafaa kanaa"** gaaleen kun kan argisiisuu danda'uu kan bara dheera Ginostik sadarkaa teessumma lafaati. (Roomee 8:38-39, Effeessoon 1:21, 3:10, 6:12, Qolaasi'aas 1:16, 2:10, 15, BAGD, fuula 114 lakk.3, F.F.Bruse, Answers to Questions,) deebii gaaffitiif) fuula 90. Innis isaan geggeesitoota namaa hiikuudhaaf yaad-rimee isaa irraa haala baay'ee kan fooya'ee namuusa kan qabuu fakkaata (lakk.8, Hojii ergamootaa 3:17, Roomee 13:1-2 Grant Osborne The Hermeneutical Spiral,) (jijjiramni hiikaa fuula 82-83ilaali). Phaawulos kan dubbachaa jiruu ifatti waa;ee loogikii namaa ta'a yookiin logiikii namaa duuba kan jiruu gocha seexanaa ta;'uu isaa beekuun baay'ee rakkisaa dha, lachanuu jira. Namoonni kan kufan ta'uu isaani dhiibbaa irratti geggeessuu danda'a (Roomee 12:2, Galaatiyaa 1:14, Effeessoon 2:2) haa ta'uu malee isaan immoo dhiibbaa kan irratti geggeessee uumama ol kan ta'ee isa hamaa dha (ta'us, ergamaadhaa fi sexanii II Qorontos 4:4, Daani'eel 10).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Kan irraa bu'uu"** |
| **NKJV** | **"Akka waan waa'ee hin baafnee kan ta'an"** |
| **NRSV** | **"Baduu irraan kan ga'an"** |
| **TEV** | **"Humnoota humna isaanii dhaban"** |
| **NJB** | **"Ammaa booda baay'ee kan hin ture"** |

Kun galumsa ammaa keeyata Booziti "kan hin hojjennee gochuu" jechii jedhuu (1:28, Roomee 6:6). Phaawulos jecha kanaa yeroo 27 itti fayyadameera kun abbaa taayitaa namootaa kan tuquu yoo ta'ee isaan in du'u. kun aboo Ergamoota kan tuquu yoo ta'ee barri kun in darba isa haara bara tolaatti. Mata duree addaa duwwaadhaa fi kan badee (*Katargeō*) 1:28 irratti ilaali.

**2:7 "Garuu"** kun jabaa kan ta'ee dabal gochama **"Alla"** kan Phaawulos ogummaadhaafi humni Waaqayyoo irrati.

▣ **"Ogummaan Waaqayyoo dhoksaadhaa fi ogummaa dhokkatee dha"** ogummaan kun Waaqayyo biraati (jechuun, *Theos* fuula fuulatti ta'eera yookaan kan dursuu ta'eera Girikiidhaan macaafni cimsaafi) isa dhokkate kanaa dha. (jechuun hojii irra kan oole kan xumurame keeyata Booz Effeessoon 3:9) dhoksaan kun amma Kristoosiin ifaati in mul'ata. (Roo,ee 16:25, Effeessoon 3:3-5, Qolaasi'aas 1:26). Kun dhoksaa mul'atee (jechuun, Wangeella) cimsa kan laatuu mul'achuu Waaqayyootiif fallaa isaa argannaa namootaati (Roomee 16:25-26, Effeessoon 1:9-10, 3:3-5, Qolasi'aas 1:26, 2:2-3). Dhoksaa kanaan baay'ee kan walitti qabamee ibsa kan ta'uu kan ta'uu kan Yihudiis ta'ee kan ormoota wali wajjin gara saba Waaqayyoo isa haaraa ta'u isaaniti (jechuun, waldaa Kiristaana Effeessoon 2:11, 3:13). Dhoksaa kan jedhuu mata duree addaa 2:1 irratti ilaali.

▣

**NASB** **"Waaqayyo dursee kan murteesse"**
**NKJV** **"Waaqayyo kan aboomee"**
**NRSV** **"Waaqayyo kan labse"**
**TEV** **"Inni dursee kan fillate"**
**NJB** **"Waaqayyo dursee kan murtesse**"

Uumama fuula dura Waaqayyoo dursan dursee yaada fayyisu qaba ture (Maatihos 25:34, Yohannis **17:24,** Effeessoon 1:4, 1 Pheexiros 1:20, Mul'ata 13:8 fi immoo Hojii Ergamoota 2:13, 3:18, 4:28, 13:29). "Dursa murti" jechii jedhuu asitti kan hiikame "dura" kan jedhuu walingaa fi "wali galtee hidhu" walin makuu dha(Hojii ergamoota 4:28, Roomee 8:29, 30, Effeessoon 1:5, 11).

Keeyaticha kan ibsan kan ta'an dursa murtii Waaqummaa kan ilaalatee Kakuu Haaraatti Roomee 8:28-30, Roomee 9 fi Effeessoon 1:3-14 ti. Barreeffamoonni kun ifatti cimsa kan laatu Waaqayyoo olaanaa ta'uu isaati. Inni hundummaa to'ataa jira, seena namootaas dabalate. Dursa kan qophaa'e karaa fayyisuu Waaqayyummaa yerooti kan hojeetu jira, ta'us karoorri kun kan qabatamaa hin taanee yookiin kan fillatu miti. Innis kan inni irratti hundaa'e olaantummaa Waaqayyoo fi dursee beekuu isaa qofa irratti miti, haa ta'uu malee amala isaatiin, jechuun, kan hin jijjiiramne jaallala haraaraa isaa fi ayyaana isaa akkasumati ta'ee dha.

Nus warra lixaati fi (kan Ameerikaa) dhuunfaatti yookaan nuyii fi kan abbaa Wangeellummaa miira o'aa dirqamatti of eegachuu qabna, dhugaa ajaa'ibsiisaa kana akka irra hin dibne. Nus immoo gara golee tokkootti kan geessu jechuu, seena qabeessa, wali galtee dhabuu xin-waaqummaa , kunnis Awugixinoo fi Heeligaas yookaan Kalbiniziimii fi Harmeenihaaniziim eeguutu nurra jira.

Dursa ga'umsaa beekamtii jaallala Waaqayyootiif, ayyaana, fi haraara kan murteessuu fi hundee amantii jechuu miti, yoo hin taanees tokko tokkoo Wangeellatti dabalu jechuu miti. Isa jechuun amantoonni ilaalcha biyya lafaa isaanii jabeesanii qaruu dha. Jaalalli Waaqayyoo namoota hundummaatiif (1 Ximootihoos 2:4, 2 Pheexiroos 3:9). Waaqayyo hundumaa to'ata jira. Eenyuu yookaan maaltuu isatti adda nu baasuu danda'a (Roomee 8:31-39)? Dursa gahumsaa beekamtii jireenya arguudhaaf lamaan keessa karaa isa tokkoo in ijaara. Waaqayyo seena hundumaa kan inni ilaalu akkuma ammaatti, namoonni yeroodhaaf kan murta'anii dha. Yaadii kaeenyaa fi dandeentiin sammuu keenya kan murtaa'ee dha. Olaantummaa Waaqayyootii fi fedhii bilisaa muca namaa giddutti kan wal falleessu miti. Inni qinda'ummaa wali galtee qabu dha. Kunnis kan biraa fakkeenya dhugaa Macaaffa qulqulluuti. Innis Haayahoota (Paaradooks), kan wal falleessu, falmiin kan guutee wantoota lamaan. Ibsa amantii macaafa qulqulluu kan dhi'aatan yaada adda addaa irrati. Isaaniis yeroo baay'ee karaa Ayi'ahoo in uumama. Dhugaa kan ta'uu wantoota wal falleessan lamaa kan fakkaatan gidduutti wal madaalchiidu dha. Dhugaa tokkoo qofa fillachuudhaan wal falmicha dhabamsiisuun nurra hin jiraatu. Dhugaa Macaafa qulqulluu kamiin iyyuu mataa isaatiin adda baafnee kan achii keessa baafnuu jiraachiisuudhaaf nurra hin jiraatu.

Kan biraan itti dabalamuu kan qabuu wantii bu'a qabeessi, galmii fillatamuu yeroo duunu mootummaa Waaqayyoo qofatti miti, garuu ammas Kristoosin fakkaachuu dha (Efesoon 1:4, 2:10)! Kan fillatamneef "qulqullummaa mudaa malee" akka taanuuf. Waaqayyoo kan nu fillateef nu jijjiiruuf. Kan biraanis jijjiramicha argani deebi akka kennaaniif amantiidhaan karaa Kristoos Waaqayyoo dhaaf. Dursa ga'umsaa beekamtii bu'a dhuunfaa miti itti gaafatamummaa kakuu malee! kan fayyineef tajaajiluuf!

▣ **"Baraan dura"** gaaleen "baraan dura" jedhu dubbii haalaa kan kakuu moofa ti. Bara barummaa darbee kan argisiisu. Innis jecha Ibirootaa *Ō*lam wajjin na miidha, hiiki isaas bara baraan kan jedhuu, kan darbees ta'ee kan dhufu. Innis immoo kan murtaa'aa ta'ee yeroo baraa argisiisuu danda'a. innis dirqamatti qabiyyee barreeffamaa hiikamuutu irra jiraata. Hiiki isaas kan isaa kan ta'ee wajjin adeema (jechuun, Waaqayyo, kan Kakuu Moofaa abdiin, lubbuu qabeessi lafa irraa, cubbamootaa…….).

Kunnis immoo hiika Girikiitiin dhugaa *aiōn, aiōnios, eis ton aiōna* dha innis hiika Saptuwaajeentii Olam kan hordufu. Waaqayyo kan bara baraati, haa ta'uu malee wantoota foonii (jechuun, samiidhaa fi laftii in darbuu) (2 Pheexiroos 3:10). Akkuma jechoota kan biro, garuu keessumatti Olam fi *aiōn* qabiyyee barreeffamaa murteessa dha. Akkasumas inni hiika isaa in murteessa.

Waa'ee "bara barummaa" ibsa wayyuu Roobert B. Girdlestone's Synonyms of the Old Testament (wal fakkii Kakuu Moofaa) fuula 312-319 fi F.F Bruce's, Answers to questions, (gaaffii fi deebbiiwwa) fuula 102-103 ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: BARA BARAAN (OLAM)

Sirrii hiikkaa jecha 'olam, (BDB 761) wanta mirkanaa'ee miti (NIDOTE, waraabbii 3, f. 345). Inni miira danuu keessatti faayidaarra oole ture (yeroo baay'ee dubbisaan murtaa'a) kanneen armaan gadii fakkeenyota filataman qofaadha.

a. Wantoota durii
   A Namoota (saba) Uma. 6:4; 1Sam. 27:8; Er. 5:15; 28:8
   B Iddoowwan Isa. 58:12; 61:4
   C Waaqayyoo Far. 93:2; Fak. 8:23; Isa. 63:16
   D Wantoota Uma. 49:26; Iyo. 22:15; Far. 24:7, 9; Isa. 46:9
   E Yeroo, Kes. 32:7; Isa. 51:9; 63:9,11
b. Yeroo fuulduraa (egerii)
   a. Jireenya nama tokkoo, Ba'u. 21:6; Kes. 15:17; 1Sam. 1:22; 27:12
   b. Mootiidhaaf raayjessa, 1Mot. 1:31; Far. 61:7; Nah. 2:3'
   c. Jireenya itti fufeenya qabu,
      1) Lafa, Far. 78:69; 104:5; Lal. 1:4
      2) Waaqota, Far. 148:6
   d. Jiraachuu Waaqayyoo
      1) Uma. 21:33
      2) Ba'u. 15:18
      3) Kes. 32:40
      4) Far. 93:2
      5) Isa. 40:28
      6) Er. 10:10
      7) Dan. 12:7
   e. Kakuu
      1) Uma. 9:12, 16; 17:7, 13, 19
      2) Ba'u. 31:16
      3) Lew. 24:8
      4) Lak. 18:19
      5) 2Sam. 23:5
      6) Far. 105:10
      7) Isa. 24:5; 55:3; 61:8
      8) Er. 32:40; 50:5
   f. Daawit wajjin Kakuu adda ta'e
      1) 2Sam. 7:13; 16, 25, 29; 22:51; 23:5
      2) 1Mot. 2:33, 45; 9:5
      3) 2Sen. 13:5
      4) Far. 18:50; 89:4, 28, 36, 37
      5) Isa. 9:7; 16:5; 37:35; 55:3
   g. Masihii Waaqayyoo
      1) Far. 45:2; 72:17; 89:35-36, 110:4
      2) Isa. 9:6
   h. Seera Waaqayyoo,
      1) Ba'u. 29:28; 30:21
      2) Lew. 6:18, 22; 7:34; 10:15; 24:9
      3) Lak. 18:8, 11, 19
      4) Far. 119:89, 160
      5) Isa. 59:21
   i. Kakuuwwan (abdiiwwan, waadaawwan) Waaqayyoo
      1) 2Sam. 7:1, 16, 25; 22:51
      2) 1Mot. 9:5
      3) Far. 18:50
      4) Isa. 40:8

j. qajeewwan Abrahaamii fi Lafa Abdatame
    1) Uma. 13:15; 17:18; 48:4
    2) Ba'u. 32:13
    3) 1Sen. 16:17
k. ayyaanota kakuu
    1) Ba'u. 12:14; 12:14, 17, 24
    2) Lew. 23:14, 21, 41
    3) Lak. 10:8
l. Bara baraaf turuu bara baraa
    1) 1Mot. 8:p 13
    2) Far. 61:7-8, 77:8, 90:2; 103:17; 145:13
    3) Isa. 26:4; 45:17
    4) Dan. 9:24
m. Wanta Faarfannoonni jedhan amantoonni yoomiyyuu ni raawwatu.
    1) Galata kennuu, Far. 30:12; 79:13
    2) argamuu Isaa keessa jiraachuu, Far. 41:12; 61:4, 7
    3) Aaraara Isaatti amanuu Far. 52:8
    4) Waaqayyoon galateeffachuu, Far. 52:9
    5) Galatoota faarfachuu, Far. 61:7; 89:1
    6) Haqa Isaa labsuu, Far. 75:9
    7) Maqaa Isa aulfeessuu Far. 86:12; 145:2
    8) Maqaa Isaa eebbisuu, Far. 145:2

c. Lamaanuu yeroo keessaan duubatti fuulduratti, ni deemu ("bara hamma baraatti")
    a. Far. 41:13 (Waaqayyoof galata)
    b. Far. 90:2 (Waaqayyoo ofii Isaa)
    c. Far. 103:17 (Jaalala qajeelummaa Waaqayyoo)

Yaadadhaa, yaadni dubbisaa hamma hiika jechaa ni murteessa. Kakuuwwanii fi abdiiwwan bara baraaf turan haala irratti kan hundaa'aniidha (san jechuun, Ermiyaas 7). Dubbisa Ilaalcha yeroo hammayyaa keessan ykn tooftaa ti'oolojii Kakuu Haaraa keessan gara itti fayydama jecha sirriitti dhangala'aa Kakuu Moofaa kamiyyuuttuu ofeeggadhaa. Kakuu Haaraan abdiiwwan Kakuu Moofaa kan walii galaa ni taasise.

▣ **"Ulfina keenyaaf"** itti fufee kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: ULFINA

Akka Macaafa Quqlulluutti "ulfina" hiikuun ulfaataadha. Ulfinni amantootaa wangeela hubatanii Waaqayyo keessatti ulfina isaa qabanidha, garuu ulfina mataa isaanii miti (cf. 1:29-31; Erm. 9:23-24). Kakuu Moofaa keessatti jechi afaan Ibrootaa baay'ee beekamaa ta'ee "ulfina" *(kbd)* jechuuf gargaaru jalqabni isaa jecha daladlaaa madaala walitti jiru lama ("akka ulfaatutti") agarsiisu irraa dhufe. Wanti ulfaataan gatii qaba ture yookiin immoo mataama isaatti gati-jabeessa yeroo baay'ee jabina Waaqayyoo ibsuudhaaf yaadni ifa jedhu itti dabalama ture (cf. Ba'u 19:16-18; 24:17; Isa 60:1-2). Inni kophaa isaa badhaadhaa fi kabajamaadha. Inni nama cubbamaa arguudhaaf (ilaaluudhaaf) dandeettii guddaa qaba (cf. Ba'u. 33:17-23; Isa 6:5). Waaqayyo dhugaatti beekamuu kan inni danda'u karaa Kiristoos duwwaadha (cf. Erm 1:14; Mat. 17:2; Ib. 1:3; Ya'iq. 2:1). Jechi "ulfina" jedhu hanga tokko ifa miti.

1. "qajeellummaa Waaqayyoo" wajjin walfakkaachuu danda'a:
2. "Qulqullummaa" ykn "raawwatee sirrii ta'u "Waaqayyoo" agarsiisuu danda'a: ykn
3. bifa Waaqayyoo isa

namni iff uumame agarsiisuu danda'a (cf. Uma. 1:26-24; 5:1; 9:6), garuu kun booddee hammeenyaan xureeffame. Kun jalqaba Ba'u 16:7,10; Lew 9:23; fi Lakk 14:10 keessatti yeroo adeemsa lafa onaa Waaqayyo saba isaa wajjin turuu isaa agarsiisuuf gargaare.

2:8 **"Akka"** A. T. Robert Son, in Word picture in the New Testament, (Kakuu Haaraatti suuraa jechaa) fuula 85 irratti isaan sadarkaa lama wantoota hima haaraa "dhugaa wajjin kan wal falleessu" jedhee waameera. Sobaan

ibsuun guduunfaa sobaa mul'isuudhaaf fayyadama irra oolera. "Bittooti biyya lafaa kanaa utuu hubataniiru ta'e (jechuun, kan xumuramee amma kan argisiisu), hin goonee malee, in fannisan turan (jechuun, gocha xumuramee kan argisiisuudha) gooftaa ulfinnaa, isaan godhaniiru.

▣ **"Gooftaa ulfinnaa"** gaaleen kun fayyadama irra kan oolu Yaahiwweedhaaf Hojii ergamoota 7:2, Effeessoon 1:17 fi tarii Ba'uu 24:16 waabii ta'a. Yesusiifiis gaaleen wal fakkaatan fayyadama irra oolera Yaaqoob 2:1 irratti. Kunnis fakkeenya biraa dha, kan Kakuu Haaraa Macaafni maqaa Yaahiwwee Yesusiif yeroo gargaaraman, kunni Yaahiwwee dhaa wajjiin kan inni qabuu wal qixummaa isaa cimsa (II Qorontos 4:6).

## MATA DUREE ADDAA: WAAQUMMAAF MAQOOTA KENNAMAN

A. El (BDB 42, KB 48)
   1. Hiikni jecha gamtaa Waaqummaa durii wanta mirkanaa'ee miti, hammamiyyuu barattoonni danuun hiddi Akkadian 'cimaa" ykn "humna qabeessa" jedhanii amananillee (cf. Uma. 17:1; Lak. 23:19; Kes. 7:21; Far. 50:1)
   2. Waaqni ol'aanaan Gartuuwwan namoota beekamoo Kana'aan (kitaaba Ras Shamra)
   3. Macaafa Quqlulluu keessatti El jechoota biroo wajjin yeroo hunda walitti hin makamani. Walitti makamuuwwan kunniin Waaqayyoon tahiyyeessuuf karaa ni ta'e.
      a. El – Elyon (Waaqayyo Hundaa olii, BDB 42 fi 751 II), Uma. 14:18-22; Kes. 32:8; Isa. 14:14)
      b. El-Roi ("Waaqayyo isa ilaalu" ykn "Isa ofii Isaa mul'isuu" BDB fi 909), Uma. 16:13
      c. El-Shadaai ("Waaqayyo Gaaraa" BDB 42 fi 994), Uma. 17;1; 35:11; 43:14; 49:25; Ba'u 6:3)
      d. El-Olam (Waaqayyoo Bara Baraa BDB 42 fi 761) Uma. 21:33. Jechichi Kakuu Waaqayyoo Daawitiif gale wajjin karaa ti'oolojiitiin kan walitti hidhameedha, 2Sam. 7:1,16
      e. El-Berit ("Waaqayyoo Kakuu" BDB 42 fi 136, Abo. 9:46
   4. El
      a. YHWH Far. 85:8; Isa. 42:5
      b. Elohim, Uma. 46:3, Iy. 5:8 keessaa, "Ani El dha, Elohim abbaa keetii"
      c. Shaddai Uma. 49:25
      d. "inaafaa" Ba'u 34:11, Kes. 4:24; 5:9; 6:15
      e. "araara" Kes. 4:31, Nah. 9:31 keessaa
      f. "guddaa fi sodaatamaa" Kes. 7:21; 10:17; Nah. 1:5; 9:32; Dan. 9:4
      g. "beekumsa" 1Sam. 2:3 keessatti
      h. "da'oo cimaa koo" 2Sam. 22:33 keessaa
      i. "ijaa baasaa koo" 2Sam. 22:33 keessa
      j. "tokkicha quqlulluu" Isa. 5:16 keessaa
      k. "hundaa oli" Isa. 10:21 keessaa
      l. "fayyina koo" isa 12:2 keessaa
      m. "guddaa fi humna qabeessa" Er. 32:18 keessaa
      n. "adabaa sirrii" Er. 51:56 keessaa wajjin kan wal qixxaa'uudha.
   5. Walitti hidhamni hundaa ol ol'aanaa ta'e maqoota Waaqayyoo Iyyaasuu 22:22 (El, Elohim, YHWH, irra deebi'ame) keessatti ni argama.

B. Elyon (BDB 715, KB 832)
   1. Hiikkaan bu'uraa isaa "ol'aanaa" "kan oqubaan dhihaatuuf" ykn "ol ol jedhe" (cf. Uma. 40;17; 1Mot. 9:8; 2Mot. 18:17; Nah. 3:25; Er. 20:2; 36:10; Far. 18:13).
   2. Inni maqaawwan/taayitaawwan Waaqayyoo danuu wajjin cinaayyaadhaan fayyadee jira.
      a. Elohim – Far. 47-12; 73:11; 107:11
      b. YHWH – Uma. 14:22, 2am. 22:14
      c. El-shaddai – Far. 91:9
      d. El-Num 24:16
      e. Elah – yeruma hundaa Daani'eel 2-6 fi Iziraa 4-7 keessatti illair wajin walitti hidhamuudhaan ni fayyada (Armaayikiitti "Waaqayyo Hangafa") Dan. 3:26; 4:2; 5:18,21
   3. Inni yeroo baay'ee warra Isiraa'eloota hin taanee faayidaarra oola

   a. Malkiisedeq, Uma. 14:18-22
   b. Balaam Lak. 24:16
   c. Muusee, waa'ee saboota Kes. 32:8 keessatti dubbatuu
   d. Wangeelli Luqaas Kakuu Haaraa keessaa barreeffamni Ormootaaf barreeffames dabaltaan jecha Giriikii wal qixa ta'e Hupsistos (cf. 1:32,36,35,76; 6;35; 8;28; HoE 7:4; 16:17).

C. Elohim (DANESSA), Eloah (LEEXAA) ifatti walaloo keessatti faayidaarra oole (BDB, 43, KB 53)
   1. Jechi kun Kakuu Mofaatiin ala hin argamu
   2. Jechi kun Waaqa Isiraa'el ykn Waaqolii tolfamoo sabootaa addaan baasee ni kaa'a (cf. Ba'u. 12:12; 20:3). Warri Abrahaam Waaqayyoolii biraatiif ni hojjetu turan (cf. Iya. 24:2)
   3. Inni abbootii firdii Isiraa'el eeruu ni danda'a (cf. Ba'u. 2:6; Far. 82:6).
   4. Jechi elohim dhagnoota hafuuraa kan birootiifis (ergamoota, hafuura hamaa) akka Kes. 32:8 (LXX); Far. 8:5; Iy. 1:6; 38:7 keessaatti faayidaarra ooleera.
   5. Macaafa Qulqulluu keessatti inni aangoo/maqaa Waaqummaa jalqbaati (cf. Uma. 1:1). Inni addumatti hamma Uma. 2:4; iddoo itti inni YHWH wajjin walitti makametti faayidaarra ooleera. Inni bu'urumaarraayyuu (karaa ti'oolojiitiin) Waaqayyo akka uumaa, itti fufsiisaa, fi dhiheessaa pilaaneetii kana irratti jireenya hunda hunda dhiheessu ni eera (cf. Faarsaa 104).

      Inni El wajjin moggaadha (cf. Kes. 32:15,19). Inni dabalataanis akka Faarsaa 14 (elohim) sirrumatti akka Faarsaa 53 (YHWH) jijjiirama maqaalee Waaqummaatirraa kan hafe YHWHdhaan cinayyaa ta'uu ni danda'a.
   6. Hammamiyyuu DANEESSAAN FI Waaqayyoolii kan birootiif faayyadullee, jechi kun yeroo baay'ee Waaqayyo Isiraa'el addaan nib aasa garuu immoo itti fayyadama Waaqayyo tokkicha amanuuf agarsiisuuf yeruma hunda GOCHIMA LEEXAA ni qaba.
   7. Jechi kun akka maqaa Waaqummaaf ta'utti afaan warra Isiraa'elootaan ala ta'an keessatti ni argama.
      a. Malkesideeq, Uma. 14:18-22
      b. Balaam, Lakk. 24:2
      c. Muusee, yommuu waa'ee sabootaa dubbatu, Ba'u 32:8
   8. Maqaan beekamaan Waaqa tokkoo Waaqayyoo Isiraa'el DANEESSA ta'uun isaa waan hin baratamneedha! Hammamiyyuu wanti mirkanaa'e jiraachuu baatullee, ti'ooriiwwan kunooti.
      a. Ibraayisxiin DANEESSA yeroo baay'ee danuu ni qabu. Sirriitti kanaa wajjin kan walitti dhihaatu barreeffama caasluuqaa Ibraayisxii booddee "The plurar of majesty" jedhamu, iddoo itti DANESSAAN qabiyyicha addeessuuf faayidaarra ooledha.
      b. Inni kun tarii mana mare wangeela, isa Waaqayyo Waaqarratti wal qunnaman fi isa gatii dhiheessuu Isaa raawwatu eeruu ni mala, (cf. 1Mot. 22:19-23; Iyob 1:6; Far. 82:1; 89:5,7)
      c. Inni kun Kakuu Haaraa keessatti mal'achuu sadan Waaqa tokkoo dhagnoota sadi calqqisiisuu ni danda'a. Uma. 1:1 Waaqayyo ni uuma; Uma. 1:2 Hafuurri ni hammata, akkasumas Yesuus Kakuu Haaraa uumama keessatti bakka bu'aa Waaqayyo Abbaati (cf. Yoh. 1:3,10; Rom. 11:36; 1Qor. 8:6; Qol. 1:15; Ibr. 1:2; 2:10).

D. YHWH (BDB 217, KB 394)
   1. Inni kun maqaa isa Waaqayyo akka Kakuu kennu, Waaqayyo akka fayyisaa, hafuura hamaarraa quqlulleessaa ni calaqqisiisa! Dhalli namaa kauuwwan ni cabsu, garuu immoo Waaqayyo sagalee, abdii, fi kakuu Isaatiif amanamaadha (cf. Faarsaa 103).

      Maqaan kun jalqaba Elohim wajjin walitti makamuudhaan Uma. 2:4 keessatti eeramee ture. Uumama 1-2 keessatti yaadota uumamaa lama otuu hin ta'in, xiyyeeffannaawwan lama (1) Waaqayyo akka uumaa bantiiwwan Waaqaaf lafaa (kan mul'atu) fi (2) Waaqayyo akka uumaa addaa dhala namaa tu jira. Umamni 2:4-3:24 mul'ata addaa waa'ee taayitaa mirgi dhalootaa kennamuufi kaayyoo dhala namaa, akkasumas akka rakkina cubbuutii fi taayiaa adda ta'e wajjin fincila gamtaa'een ni jalqaba.

   2. Uma. 4:26 keessatti "namoonni Waaqayyoon (YHWH) maqaadhaan waammachuu jalqaban" jedhameera. Haa ta'u malee, Ba'u. 6:3 sabni kakuu jalqabaa (paatriyaarkootaatti beekuu isaanii ni argisiisa. Maqaan YHWH yeroo tokko qofaa Ba'u. 3:13-16 keessattuu w.14 keessatti ibsame. Haa ta'u malee barreeffamoonni Muusee yeruma hundaa jechoota akka seensa jechootaatti otuu hin ta'iin, taphoota jechaa beekamoodhaan ni hiiku (cf. Uma. 17:5; 27:36; 29:13-35). Ti'ooriiwwan danuun

akka hiika maqaa kanaatti ni ta'u jedhamanii yaadamaa turan ni jiru (IDB, vol. 2, ff. 409-11 irraa fudhatame).

a. Hidda Arabi tokko irraa "jaalala itti fufeenya qabu argisiisuu"
b. Hidda Arabi tokko irraa "qilleensa'uu" YHWH akka Waaqa hobomboleessaa)
c. Hidda Ugartic (Kana'aan) irraa "dubbachuu"
d. Barreeffama dhagaa/sibiila irraa bocamee argame Phoenician tokko hordofuu, hiikni CAUSALTIVE PARTICIPLE "Tokkicha Isa jiraatu" ykn "Tokkicha Isa hundeessu" ta'e
e. Gosa Qal Ibraayisxii irraa "Tokkicha Isa ta'e" ykn "Tokkicha Isa amma ta'e" (miira egeriitiin, "Tokkicha Isa ta'u"
f. Gosa Ibraayisxii Hiphil irraa "Tokkicha isa ta'uuf sababa ta'u"
g. Hidda Ibraayisxii irraa "jiraachuu" (fak. Uma. 3:20), jechuunis "jiraaaa bara baraa, Tokkciha bara baraaf jiraatu"
h. Qabiyyee dubbisaa Ba'u 3:13-16 irraa tapha gosa IMPERFECT irraa bifa PERFECTtiin faayidaarra oole, "Wantan ture ta'uuf itti fufuun qaba" ykn "Ani wantan yeruma hunda ture ta'uuf itti fufuun qaba" (cf. J. Wash Watts, A Survey of Syntax in the Old Testament, f. 67). Maqaa guutuun YHWH yerumsa hundaa akaakuu isa sirriitiin ta'uu danda'a ibsame.
   1) Yah (fak. Hallelu – yah, BDB 219, cf. Ba'u. 15:2; 17:16; Far. 89:9; 104:35)
   2) Yahu ("Yaas" dhuma maqootaa, fakk. Isaayyaas)
   3) Yo ("Jo" jalqaba maqootaa fkn Josua, kn Joel)

1. Amantii Yihudii booddee keessatti maqaan kakuu kun baay'ee quqlulluu (tetragrammaton) isa warri Yihudootaa dubbachuuf isaan abboommii Ba'u. 20:7, Kes. 5:11; 6:13 cabsuuf kajeelanii turaniif qaana'anii turan ni ta'e. Kanaaf isaan jecha Ibraayisxii "abbaa qabeenyaa" "barsiisaa" "abbaa manaa" gooftaa"tiif adon ykn adonai (Gooftaa koo) itti ni jijjiirani Yomuu gara dubbisa isaanii kitaabota Kakuu Moofaa YHWHtti dhufanitti isana "gooftaa" jedhanii waamu. Kanumaafi YHWHn hiikkaa Ingilitirratti LORD kan Afaan Ormootti immoo Waaqayyo jedhamee kan barreeffameef.
2. Akkuma El wajjin YHWHnis dabalataan amaloota Waaqa kakuu Isiraa'eliif tokko tokkoof ixyyeeffannaa kennuudhaaf jechoota biroo wajin waliitti makameera. Akkuma walitti makamuun jechoota danuun jiraachuu danda'an, kunoo tokko tokko.
   a. *YHWH – Yireh* (YHWH ni kenna, BDB 217 & 906, Uma. 22:14
   b. *YHWH – Rophekha* (YHWH fayyisaa keessani, BDB 217 & 950, Ql. PARTICIPLE 1Ba'u 15:26
   c. *YHWH – Nassi* (YHWH faajjii kooti, BDB 217 & 651), Ba'u. 17:15
   d. *YHWH* - Meqaddishkem (YHWH Tokkicha Isa si qulqulleessu BDB 217 & 872, piel PARTICIPLE) Ba'u 31:13
   e. *YHWH – shalom* (YHWH Nagaadha, BDB 217 & 1022), Abo. 6:24
   f. *YHWH – sabbaoth* (YHWH ni keessummeessa, BDB & 878). 1Sam. 1:3,11; 4:4; 15:2; yeroo baay'ee Raajota keessatti
   g. *YHWH – Ro'I* (YHWH tiksee kooti, BDB 217 & 944, Qal PARTICIPLS), Far. 23:1
   h. *YHWH – sidqenu* (YHWH tolaa keenya, BDB 217 & 841), Er. 23:6
   i. *YHWH – shammah* (YHWH jira, BDB 217 & 1027), His. 48:35

**2:9 "Barreeffameera"** jecha dubbii haalaa Ibirootaati (Jechuun ,kan xumuramee hojii irra kan oolu kan agarsiisu) yammuu ta'u, kan beeksisus luqqisii Kakuu Moofaati.Kan Roomee Kiliimenti (jechuun ,ergaa jalqabaa Kilimeentii Qorontosii fi XXXIV), Bara 95 kan raawwatame, inni kan eere Saabtu'ajentii irraa Isa 64:4 ykn ta'uu kan qabu 65:17 irraa (Isa 52:15 fi Erm 3:16) wajjin walmakeera. Kan jalqabaatii fi Jeeroom kan yaadan, Phaawuloos kan eere aboo kan hin qabne macaafa Iliyaas Appookaalipsii irratti innis guutu guututti kan bade. Dhugaa kan ta'u, luqqisiin kun/tasumaa Kakuu Moofaatii wajjin walitti dhufuu dhiisuu isaati (bifuma walfakkaatuunis Mat 2:23, Yoh 7:38, Yaq 4:5) dhugaa achirratti argamuudha.

Waaqayyoo ijoollee namaa raawwatanii tilmaamuu karaa isaan hin dandeenyeen hojjeta. (Isa 55;8-9, Amma garuu Wangeellaa fi karaa Hafuura Qulqullluu amantiidhaan in danda'amaaf! Hammam abdii ajaa'ibsiisaa dha!

▣ **"Laphee"** 14:25 irratti mata duree addaa ilaali.

**2:10 "Waaqayyo nutti karaa hafuura isaa Qulqulluu mul'ise"** abbaa, karaa Hafuura isaa (jechuun, Apokalupto) gocha ammaa kan argisiisu kun dhoksaa foyya'ee karaa Kristoos mul'isa. Ogummaan hundumtuu Kristoos keessa jira (1:18-25, 30).

Sadan tokkummaa kan ta'ee Waaqni lakk.8-10 irratti hubadhuu kan fannifamee Gooftaan ulfinnaa (jechuun, Yesus), Waaqayyoo (jechuun, abbaa), fi Hafuura Qulqulluu.

## MATA DUREE ADDAA: SADAN TOKKUMMAA

Hojiin qaamota sadan tokkummaa sadan yaadu wal qabatuun hubachuun gaariidha. Jechi "sadan tokkummaa" jedhu Macaafa Quqlulluu keessa yoo jiraachuu baate illee, yaadni isaa iddoo hundumaa jira

A. Wangeelota
   1. Mat. 3:16-17; 28:19 (fi kan kanaan wal qabatan)
   2. Yoh. 14:26
B. Hojii Ergamootaa HoE 2:32-33, 38-39
C. Phaawuloos
   1. Rom. 1:4-5; 5:1, 5; 8:1-4, 8-10
   2. 1Qor. 2:8-10; 12:4-6
   3. IIQor. 1:21; 13:14
   4. Gal. 4:4-6
   5. Efe. 1:3-14, 17; 2:18; 3:14-17; 4:4-6
   6. IITas. 2:13
   7. ITas. 1:2-5
   8. Tito. 3:4-6
D. Pheexiros 1Phex. 1:2
E. Yihudaa Lakk. 20-21

Kakuu Haaraa keessatti jechoonni baay'ina agarsiisan utuu Waaqayyoon ibsanii ni argamu.

A. Waaqayyoof jecha baay'ina agarsiisu fayydamuu
   1. Maqaan *Elohim* jedhu danuu agarsiisa, garuu yeroo Waaqayyoof gargaaru xumura qeenxee agarsiisuun hordofama.
   2. "Nu'i" Uumama 1:26-27; 3:22; 11:7 keessatti
B. Ergamaan gooftichaa bifa ittiin Waaqayyo mul'atu ture
   1. Uma. 16:7-13; 22:11-15; 31:11, 13; 48:15-16
   2. Ba'u. 3:2, 4; 13:21; 14:19
   3. Abboota firdii 2:1; 6:22-23; 13:3-22
   4. Zakaariyaas 3:1-2
C. Waaqayyoo fi Hafuurri isaa garaa gara. Uma. 1:1-2 Far. 104:30; Isa. 63:9-11; Hisq. 37:13-14
D. Waaqayyoo (YHWH) fi Masihichi (*adon*) garaa gara Far. 46:6-7; 110:1 Zak. 2:8-11; 10:9-12
E. Masihichii fi Hafuurichi garaa gara, Zak. 12:10
F. Sadan isaanii iyyuu Isa. 48:16; 61:1 keessatti caqaamaniiru.

Waaqummaan Yesuusii fi eenyummaa qabaachuun Hafuura Quqlulluu amantoota durii Waaqa tokkichatti amanuutti cichan (Monotheistic) rakkisee ture.

1. "Tertullian" - Abbaa ilma caalchisa
2. "origen" – Humna Waaqummaa ilmaa fi Hafuura Quqlulluu gdi xinneessee mul'isa
3. "Arius" – Ilmii fi Hafuurri Qulqulluun Waaqa ta'uu isanaii gana
4. "Monarchianism" Waaqayyo tokkichi tartiibaan, abbaan, ilma, Hafuura Qulqulluudhaan akka of mul'isutti amanu.

Yaadni sadan tokkummaa jedhu yeroo keessa maddoota Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'uudhaan wanta lafa kaa'amedha.

1. Yesuus guutummaan guutuutti Waaqa ta'uun isaa fi abbaa wajjin qixa ta'uun isaa Dh.K.B 325tti walga'ii Niiqiyaatiin mirkanaa'ee fudhatame.
2. Hafuurri Quqlulluun eenyummaa mataa ofii qabaachuun isaa fi abbaa fi ilma wajjin wal qixa ta'uun isaa walga'ii konistantinopil irratti (Dh.K.B 381) mirkanaa'ee fudhatame.
3. Bu'uurri amantii sadan tokkummaa hojii Augustine "*De Triniate*" jedhamuun gutummana guutuutti ibsame.

Dhugaatti as dhoksaan tokko jira. Kakuu Haaraan garuu Waaqa tokkicha eenyummaa bara baraa sadi'iin akka dubbatu amanama.

▣ **"Hafuurri waan hundummaa waan qoruuf, wanta Waaqayyoo gadi fagoo iyyuu"** as kan jiruu cimsa kan laatu qaama Hafuura qulqulluu hundumaati (Isaayaas 63:10, Effeessoon 4:30). Hafuurri Qulqulluun Waaqayyoon beekuu fi qophaa isaa kan ta'uu dha (Roomee 8:26-27, 11:33-36). Kun itti fufeenya kan qabu cimsa guutummaa barreefamichaati. Innis galumsa namaa Waaqayyoodhaa fi wantoota Waaqayyoo (jechuun, yaadi isaa) beekuu dadhabuu isaati. "Gadi fagoo" jecha haalaa yeroo kunnis (1)Kunnis laphee kan falleessuu gadi fageenya kan argisiisu yookaan (2) Ga'umsa ijoollee namaa irraa yookaan argannoo irraa fagaatee kan dhokkate. Hojiin Hafuura qulqulluu murteessaadha. Ceepha'uudhaan, fayyisuudhaa fi jireenya Kristoosiin fakkaatu (Yohanns 16:7-14).

"Wantoota gadii fagoo Waaqayyoo" gaaleen jedhuu (NKJV) tari Qorontosiin kan turan garee qabannoo gaalee tokkoo ta'uu danda'a. wantootni gadii fagoo Waaqayyoo Kristoositti amantaa kan qaban hundummaa biratti argama. Kana booda dhoksaan dhokkate hin jiraatu. Wangeelli mul'iseera, warra fudhatan hundumaatiif. "Wantoota gadi fagoo" hin jiraatan, hayyummaas yoo ta'ee, hammatamuu dhiisuus yoo ta'e!

Kun kan nama ajaa'ibsiisuu kennaa Waaqayyooti fi eegumsa kunuunsuu Waaqayyoo Ginostikiin booda irraa hojii irraa oolera, isaanis beekumsa adda ta'e mirkaneessuun godhatani wantoota falmaniin, fakkeenyaaf (macaafa aboo kan hin ta'iiniif macaafa Ginoostiki Ascension of Isaiah fudhatamuu Isaayaas).

## Mata duree addaa:Qaama Hafuura Qulqulluu

Kakuu Moofaatti "Hafuura Waaqayyo" (jechuun, Ruach) kaayyoo Yaahiwwee kan raawwatuu human ture, qaama ta'uu isaa garuu wanti beekame hin jiru (yookaan kan Kakuu Moofaa monotheism (Waaqayyo tokkicha) Ta'us, Kakuu Haaraatti qaama Hafuura Qulqulluu guutummaa qaamaati galmaa'eera.

1. Wantoota in taane jechuu danda'a (arabsoo) (Maatihoos 12:31, Maariqos 3:29)
2. In barsiisa (Luqaas 12:12, Yohannis 14:26)
3. Dhugaa ba'aa (Yohannis 15:26)
4. In ceepha'aa, in geggeessa (Yohannis 16:7-15)
5. "Eenyu ati" jedhamee in waama (jechuun, Hos) (Effeessoon 1:14)
6. Gadduu danda'a (Effeessoon 4:30)
7. Baduu danda'a (1 Tessoolloonqee 5:19)

Barreeffama Waaqa sadan tokkoo akkasumas waa'ee qaama sadan tokkoo dubbata.

1. Maatihos 28:19
2. II Qorontos 13:14
3. 1 Pheexiroos 1:2

Hafuurrii qulqulluun hojii namaati wajjin wal qabannaa qaba

1. Hojii ergamoota 15:28
2. Roomee 8:26
3. I Qorontos 12:11
4. Effeessoon 4:30

Jalqaba hojii Ergamootaa irraa gaheen Hafuura qulqulluu cimsa itti kennameera. Peenxaqoostee hojii Hafuura qulqulluu jalqaba hin ture, garuu kan boqonnaa haaraati malee. Yesus yeroo hundummaa hafuura qaba. Cuupha isaatti hojiin hafuuraa jalqaba hin ture, garuu kan boqonnaa haarati male. Luqaas waldaa Kiristaanaa tajaajila fiixaan ba'e kan qabuu boqonnaa haaraa qopheessa ture. Yesusiis ammas xiyyaafannoo isaati, Hafuurri qulqulluun ammas gocha bu'a qabeessa, akkasumas jaalala abbaa, haraara gochuu fi bifa isaatti kan uumaman nmoota galma deebisuu

**2:11-12** Kun duraan dursee fakkeenya dhugaa ibsameeti. Lakkoofsa kanaan kan jalqabaatii fi sadan "kan hafuura qulqulluu" (spirit) Qubee xiqqoo "s" yeroo qabaatan, inni lamma "Spirit" garuu qubee guddaadha."S" qaba. Barreeffamni Giriikii qubeewwan guddaa wanti ittiin adda baasan tokko hin jiru, ta'us kun kan hiiktota irraa hiikameedha. Inni guddaan "S" hafuura qulqulluu yeroo argisiisu inni xiqqaan "s"immoo hafuura namaa argisiisa (6:18, Rom 8:16 ,2 Qor 2:13,7:13,12:18, Galatiyaa 6:18, Filipisiyus 4:23). Kun tarii kan Fakkeenya 20:27 waabiidha.

**2:12 "Hafuura biyya lafaa"** kun Kosmos kan jedhuf hiika yaada biraa dha, jechi jedhu (jechuun, biyya lafaa, mata duree addaa 3:21 -22tti ilaali),Waaqayyoodhaan ala kan ijaaramee fi kan hojjetu hawaasi (barreeffama

Yohaannis keessatti kan baratameedha). Har'a "atheistic humanism" jennee waamna (lakkoofsa 6). Innis immoo "hafuura garbummaa" jedhamee waamama Roomee 8:15.

▣ **"Waaqayyoo irraa waantota tola nuuf kenname akka hubannuu**f" wangeela kiristoosii fi eebba isaa hubachuu kan dandaa'an isa qofaan,karaa hafuura qulqulluu.

Dhugumatti amantootni illee waaqayyoon guutummaatti, bifa xumurameen hubachuu hin danda'an, ejjennoo kufee fi kan yeroo ta'e kanaan, fayyinaa fi jireenya gaarii wantoota isaan barbaachisu hundumaa beekuu fi akka hubataniif ni danda'u, karaa mul'ata abbaa,karaa qaamaa fi hojii ilmaa,akkasumas karaa ifa hafuura qulqulluu.Hundumaa beekuu dadhabuun keenya tokko sababii nuu ta'uu hin danda'u ifatti dhugaan macaafa qulqulluu jabeessinee qabachuu fi isaanis adeemuudhaaf.

Kan biraan murteessaa kan ta'u, amantootni hubachuu kan qaban, ogummaa waaqayyoo "bilisa kennamuu isaa" ti (Rom 8:32). Innis kennaa waaqayyooti,kunis namoota bifa isaatti uumaman hundumaaf kennuudhaaf kan barbaadu (Seera Uumamaa 1:26-27) amma garuu sababa hammeenya isaaniitiif isa irraa kan fagaataniif (jechuun, Seera uumamaa 3). Ogummaan waaqayyoo beekumsa namaa ejjennoo gamtaa ykn bu'aa hubannaa miti,yaa ta'u malee jaalala waaqayyootiif araara karaa hojii kiristoosii fi karaa galumsa hafuura qulqulluu. Kiristoosiin booda wallalummaan fedhaan kan ta'uudha! Inni hafuurri qulqulluun ifa,dhugaa fi fayyina fida. Hafuurri biyya lafaa kanaa dukkana,dogoggora fi du'a fida.

**2:13 "kunis immoo wantootni inni dubbatu"** amantootni isaan waaqayyo isaanif kenne dhugaa kana irraa hirmaachuun murteessaadha. Isaan jireenyaa fi ifa kan bade fi biyya lafaa du'aa jiruuf, biyya jaallatamaa ta'ee innis oolchuu kan danda'u ilma waaqayyoo ,dhugaa waaqayyoo fudhachuu qofaan kan ta'e! mul'ati duraan dursanii fayyuudha (2 Xim 2:15) isaattis fufee jijjiiru ( 2 Xim 3:16-17).

▣

**NASB** **"wantoota hafuura waan hafuura wajjin walmadaalchifnee hafuurri jecha nu barsiisuun"**

**NKJV** **"Hafuurri qulqulluun karaa nu barsiisuun, wantoota hafuura waan hafuura waliin walmadaalchifnee"**

**NRSV** **"Hafuura irraa barannee, warra hafuuraa kan ta'aniif wantoota hafuuraa hiiknaaf"**

**TEV** **"yaada jechaatiin ogummaa namaatiin hin dubbannu, haata'u malee jecha yaadatiin Hafuuraan malee"**

**NJB** **"Hafuuraan wantoota barannu haasaa hafuuraa wantoota hafuuraatiif akka ta'utti"**

Kun gaalee baay'ee qabatamaa hin taaneedha, sababa baay'eedhaan. Isaan kana ibsuu yaaluu fuula dura, qabiyyee barreeffamaa isa guddaa furtuu isaa ta'uu malee qabatamaa kan hin taane seer-luga Giriikii ykn tarreeffama falaasamaa akka hin taane hubadhu. Qabiyyee barreeffama isa guddaa kan ta'e amantoota bilchaatanii wajjin adeema ( lakkoofsa 6). Innis ogummaa namaatiif beekumsa ogummaa waaqayyoo irraa, innis kiristoos, fi beekumsa waaqayyoo irraa,innis waangeela keessatti kan ibsamuu wajjin walfaalleessa. Boqonnaan kun tokkoo fi lama dhugaa isa guddaadha.

Hafuurri Qulqulluun falmii kan hin qabne sarara walargeeti (Yoh 16:8-14). Innis dhugaa hafuuraa mul'isa kiristoositti kan amanan isaan keessa kan bulu hafuura kan fudhatan. Bifa tokko tokkoon ibsi Phaawuloos as jiruu fi kan Yesuus kan namicha sanyii facaasuu ykn fakkeenya biyyoo wajjin wal fakkaata (Mat 13) Ergaa wangeelaa hubachuu kan danda'amuu fi deebii kan kennamiidha, gurra kennanii kan dhaggeeffataniif, haata'u malee dhaggeeffattoota hin hubanne biratti fudhatama hin qabu.

*Pneumatikois* jechi jedhu saala kan hin qoodne ta'a (jechuun,wantoota hafuuraatiif) ykn dhiira (jechuun namoota hafuura). Wantooti biraan ramaddii dhaggeeffatootaa lakkoofsa itti fufame irratti eerameera, psushikos(jechuun uumamaykn nama bade). Lakkoofsa 13 irratti jechi jiru namoota hafuuraa argisiisuu tarii danda'a. Ramaddiin walfakkaatu kun duraan dursee lakkoofsa 6 irratti eerameera (jechuun Teleiois,kan bilchaatan ykn amantoota ga'oo) akkasumas lakkoofsa 15 (jechuun,isaanis pneumaikos jedhamanii waamamu). Barreeffama qabiyyee kanaa wantoota eeraman sadii ramaddii namootaa kan qabu fakkaata.

1. Namoota badan
2. Kan fayyan,garuu amantoota hin bilchaanne
3. Amantoota bilchaatan

Lakk. 1 fi 2 gidduu yeroo baay'ee garaagarummaan mul'atu tokko hin jiru.

Akkas yoo ta'e, egaa hafuurri qulqulluun dhugaa hafuuraa bira ga'uu danda'aa? Kan ammaa gochi hojii irra oole, sunkrinoltes sabtu'ajentiidhaan fayyadama irra kan oole abjuu hiikuudhaan (Seera Uma 40:8,16,22,41:12,15,Abboota Firdii 7;15,Dani'el 5:12,7:15,16). Ta'us kunis jecha Giriikii walfakkaataa fayyadama irra kan oole asittii fi 2 Qor 10:12 irratti qofa, Kakuu Haaraatti yeroo hundaa galumsi isaa "waliin

dorgomsiisu” kan jedhuudha. Hafuurri qulqulluun dhugaa hafuuraa namoota hafuuraa fi akkamitti akka wal argu sirriitti kan hin beekamne qabatamaa sababa hin taane,kana irraa kan ka'e nu'is yaada jijjiramuu hindandeenye qabaachuu nurra hin jiraatu, barreeffamni akkamitti akka hiikamu. Dhugaa guddaa kan ta'u waaqni qulqulluun nama kufee wajjin wal arguu barbaada,ni hojjetas (lakk.12). Waaqayyoo dubbachaa jira, nu'is dhaga'aa jirraa?
Keewwati ajaa'ibsiisa ta'ee jiraa “ Rebvelation and scripture” “mul'ataa fi sagalee qulqulluu” kan jedhu irratti ,the expositor's Bible Commintary,(Ibsitoota tarreeffama macaafa qulqulluu), unka 1 fuula 461-462. Asitti garuu keewwata 1 qofa.

“Barreessitoota Kakuu Haaraatii fi dhugaa mul'atichaa ni dirqisiisa .Dhugaan akkaataa hojii afaaniiti. Karaa kanaan mul'atii fi sagaleen isaa qulqulluun utuu gargar hin ba'in wal simateera,barumsi waaqayyummaa Kakuu Haaraa. Dhugaadhaa fi hiiki walii wajjin deema. Mul'ati Kakuu Haaraa waa'ee Yesuus kiristoos dirqamsiifama, akkasumaanis dhokataadhaa fi kan daangaa yeroo kan hin qabne dhugaa naamusaa miti,ykn kan duuka buutuu shaakala abboomamuu miti,haa ta'u malee inni dhugaa qabatamaa ta'an,adda ba'anii kan ta'an, fi sirrii kan ta'an kan hojjetuudha. Ibsi ergamootaa fi kan haalotaa hiiki isaa dhugaa wantichaati. Barreessitoonni dhimmichi sirriitti dubbistootaaf akka darbu ta'e jedhanii hojjetu kanas jechuun waa'ee waan ta'anii maaltu akka godhamee argisiisuudhaaf. Barreessitoonni Kakuu Haaraa amanyaa amantii isaani kan ilaallate mormuudhaan komii tokko illee yoo qabaate homaa nuti garuu beekamtii kan laannuuf mul'ata waaqayyummaa akka nuu kennanitti,innis qooqa namaatiin mul'ate (1 Qor 2:13).”

## I Qorontos: 2:14-16

**14Namni hafuuricha hin argatin, kennaa hafuura Waaqayyo hin fudhatu; kennaan sun isatti gowwummaa dha. Kennicha gargar baasee shallaguudhaaf iyyuu hafuuricha qabaachuu waan barbaachisuuf, isa hubachuu hin danda'u*. 15Namni hafuuraa waan hundumaa shallaga, isa garuu namni tokko iyyuu hin shallagu*. 16Caaffanni qulqullaa'aan, “Eenyutu yaada gooftichaa beeka? Eenyutus isa gorsuu danda'a?” jedha. Nuyi garuu yaada Kristos qabna*.**

**2:14**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“ Nama foonii”** |
| **NKJV** | **“ Nama foonii”** |
| **NRSV** | **“Nama hafuuraa kan hin taane”** |
| **TEV** | **“Nama hafuura qulqulluu hin qabne”** |
| **NJB** | **“Nama foonii nama dhuunfaa”** |

Kun “kan nama hafuuraa” faallaadha, 2:6,13 fi 3:1irratti kan argamu( *psuchikos*) jechi jedhu Kakuu Haaraatti yeroo baay'ee fayyadama irra ooleera,innis kan argisiisu jireenya lafa irra jiruudha,qaama miiraa shanan qofaan walitti dhufeenya godhamu jireenya jiraatamu (jechuun, *bios*, jireenya ykn *zoē*, jireenya) *ikos* dhuma irratti hiiki jiru “amala kan qabu” jechuudha (3:3) Egaan inni ta'uu kan qabu kan lafaa faallaa isaa kan samii, ykn kan hafuuraa kan hin taane faallaa hafuuraa jechuudha. (1 Qor 15:44,46,Yaq 3:15 fi Yihuudaa Lakk. 19 ).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Hin simatu”** |
| **NKJV, NRSV** | **“Hin simanne”** |
| **TEV** | **“Fudhachuu hin danda'u”** |
| **NJB** | **“Bakka hin qabu”** |

Jechi alta'aa hiiki Giriikii “Fudhachuu dhiisuun” “fudhachuudhaa fi tole jechuu dhiisuu” “dhiyaachuu dadhabuu” ykn “homaatti lakka'u dhisu” jechudha. Jechi kun alta'aadhan osoo hinta'iin yeroo hundumaa fayadamara kan oolua kesumma simachuudhaaf. Jechii kun (jechun, dechomai, luqaas 8:13,hojii ergamootaa 8:14, 11:1, 17:11 II Qorontos 11:4,1 Tesolonqe 1:16, Yaa'iiqoob1:21) *ambanō* wajjin wafakaata (Yohanis 1:12,48,14:17). Innis wallalummaa namaatii wajjin firooma hin qabu,haa ta'u malee dhugaa hafuuraa hubachuu dadhabuudha!

Kana dhoksaan isaa,tokko tokko akkamittii fi maaliif wangeela akka dhaga'anii fi deebii akka kennan,kan biroon immoo akka hin fudhanne. Fudhachuun dhiisuun kun kan inni wajjin adeemu dursa ga'umsa beekamtii wajjiniidha yookiis fedhii bilisaa namootaatii? Deebiin isaa “ eeyyee” dha, haata'u malee isaan lamaan kun sirriitti akkamitti akka walii wajjin deeman, mul'ati isaa kan mataan isaa kutaa amala faallaati (Filiphisiyuus 2:12-13, mata duree addaa 2 Qor 8:16-17 ilaali). Frank Stagg,In New testament Theology (Kakuu Haaraa xin-waaqummaa ) kan jedhu nan jaalladha,akkana jedhe , “Kakuu Haaraatti, faallaan filannoo jira,filannoo miti, garuu namni fayyisuu waaqayyoo fudhachuu dhiisuu isaati” (fuula 87).

▣ **“Gowwummaa” 1:25** irratti qabsiisa jiru ilaali.

▣ **“Isaanis hafuuraan kan sakatta’aniidha”** kun jecha seeraa yeroo ta’u murtii dura kan jiru qorannoo cimaa argisiisa (Luqaas 23:14,Hojii Ergamootaa 12:19,24:8,25:26 ,28:18) ykn wanta tokko ofeegannoodhaan qorachuu (jechuun,sagalee isaa qulqulluu Hojii Ergamootaa 17:11 ,nyaata ,1 Qor 10:25,27). Jechi walfakkaataan kun lakkoofsa 15 irratti yeroo lama uumama.

▣ Hafuuraan amantootni guutaman foonittis ta’e hafuuraan wantoota argaman irratti sirriitti murteessuu danda’u (1:22-25 fi 2:2 akkasumas immoo 14:29 fi 1 Tasolonqee 5:20-21 irratti kan jiru yaadannoo ). Ta’us lakkoofsa 14 irratti kan jiru kan hafuuraa kan hin ta’in, wantoota hafuuraa, dhugaa hafuuraa, ykn namoota hafuuraa sirriitti kan agisiisu miti.

**2:15 “Inni mataan isaa garuu eenyuun iyyuu hin qoratamu”** kun dhugumattuu bifa saala dhiiraa ramaddii qabuudha. Amantootni murtii kennuu hin danda’an,ifatti akka beekamutti, kan hin amanne ( 4:3-4) . Kun tarii tokko tokko faalissitoowwan phaawuloos,Qoronxoosiin kan jiran kan argisiisu ta’a(9:3). Karaa wangeelaatiin ifa isaa gara qabatamaatti kan fidu kan nu keessa bulu haafuricha malee wantoota qabatamaa biyya lafaa kanaa ykn qaama foonii miti,haata’u malee dhugaa waaqayyooti!

**2:16** Kun kan Isaayyaas 40:13 eerudha, Sabtu’ajeentiidhaan. Isa 43 “Gooftaa” jechi jedhu maqaa Waaqayyummaa Yaahiwweeti, asiti garuu Phaawuloos luqqisicha kan fayyadame Iyyesuusiin argisiisuudhaaf (akkasumas immoo Roomee 10:13 fi Filip 2:10-11 hubadhu).

Kun itti fufeenya kan qabu qabiyyee barreeffama cimsaati,innis kan hafuura qulqulluu namaaf barbaachisummaa isaa,wangeelli “akka dhaga’an” fi dhugaa hafuuraa akka hubataniif. Qabiyyeen barreeffama kanaatii fi Yohannis 14:14-16 Hojii hafuura waaqayyo hubachuudhaaf wanta murteessaadha.

Hafuura qulqulluu malee, namni kufee qorannoodhaan,seeraa afaaniitiin,akkasumas kan sobaa dhugaa kan ta’an liqimfamuu hojii seexanaatiin hidhamuu danda.a! Amantiin biyya lafaatii fi falaasama namootaa akkam baay’ee nama gaddissisa!

▣ **“Nuti garuu laphee kiristoos qabna” “nuyi”** kan jedhu maqa dhaalaa fi cimsa! Kunis argisiisu kan danda’u (1) Phaawuloosii fi hiriyoota isaa (2) amantoota lallabdoota ykn (3) amantoota bilchaatan. Kana jechuun garuu amantootni kiristoos kan inni beeku hundumaa beeku jechuu miti, haa ta’u malee hafuurri qulqulluun sammuu keenya nuuf bana yaada isaatiifii, inni wantoota dursa itti laatu, laphee isaatii fi (yaada) ( Rom 12:2,Filip 2:5).

## Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Barreeffama qabiyyee kanaatiin Paawuloos “dhoksaa” kan jedhu jecha akkamitti akka inni fayyadame ibsi?
2. Phaawuloos gara Qoronxoosi sodaadhaa fi raafama guddaadhaanan dhufe jechuun isaa maal jechuu isaati ?
3. Lallabi phaawuloos waaqayyo biraa kennamu isaa ragaa maalitu jira ?
4. Barreessitoonni Kakuu Haaraa mootummaa waaqayyoos ta’e abidda bara baraa bal’inaan kan isaan hin ibsineef maaliif
5. “Mul’ataan” “liqimfamuu” fi “ ibsuu” gidduu kan jiru garagarummaa isaa ibsi
6. Boqonnaa kana keessatti “ hafuura “ jechi jedhu Paawuloos Karaa adda addaa sadii akka itti fayyadame tarreessi
7. Boqonnaa kana keessatti “ogummaa” jechi jedhu Paawuloos karaa adda addaa afur akka itti fayyadame tarreessi
8. Lakkoofsi 13 hiika Ingili adda addaa ilaale. Lakkoofsi kun kan inni barsiisu maal sitti fakkaata?

# I Qorontos 3

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Dhubantaa Waaqayyoof hojjetan | Gargar qoodamuun kan fooniiti | Waldhabiinsa geggeessitootaa | Tajaajiltoota Waaqayyoo | Ogummaa isa sirrii fi isa sobaa |
| | | | | (1:17-3:4) |
| 3:1-9 | 3:1-4 | 3:1-4 | 3:1-4 | 3:1-4 |
| | Dhuguu, hojjechuu fi akeekkachiisa | | | Bakka Kiristaanota lallabdootaa |
| | 3:5-17 | 3:5-9 | 3:5-9 | 3:5-9 |
| | | Barsiisotaa fi waldaa kirisitaanaa Waaqayyoon gadjallaatti | 3:9-15 | |
| | | | | 3:10-15 |
| | | 3:10-15 | | |
| 3:10-17 | | | | 3:16-17 |
| | | 3:16-17 | 3:16-17 | |
| | Ogummaa isa biyya lafaa gatuu | | | Goollabbii (3:18-4:13) |
| 3:18-23 | 3:18-23 | 3:18-23 | 3:18-23 | 3:18-23 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Qabiyyeen barreeffamaa I Qorontos 3:1-23

A. Boqonnaa kana keessatti, Phaawuloos amala amantoota Qorontos ibsuu itti fufa, boqonna lama irra akka ture bilchaachuu dadhabuu isaanii.

B. Boqonnaa tokko kan isaan eeran dhuunfaa irratti kan xiyyeeffatu qoqqodamsa boqonnaa sadii kana irratti adda ba'ee lammata eerameera. Kunis kan inni argisiisu boqonnaa 1-3 itti fufeenya kan qabu falmiidha, waa'ee ogummaa namaa fi geggeessaa kiristaanaa.

C. Ramaddii sadan hubadhaa
   1 Nama uumamaa 2:1

2 Nama hafuuraa 3:1
3 Kiristoositti mucaa 3:1

D. Lakkoofsi 10-17 durattis in argama kan ture akka nama dhuunfaatti, ibsa kiristaana fooniiti.kunis kan danda'amu guddaa kan ta'e qabiyyee barreeffamaa 1:12,3:4-5 kara kanaa wal dorgomsiisuudhaan. Adda biraan ilaalcha kanaan ragaa ta'uu kan danda'u Phaawuloos waldaa kiristaanaatti yeroo dubbatu (kan bay'inaa "isin") jechuu isaati, lakkoofsa 1 fi 16. Yeroo baay'ee hojii irra kan oole " tokkon tokkoon namaa" " namni tokko illee" " tokkoon namaa illee" lakkoofsa 10,11,12,13,14,15,17,18 hiika kanaaf gatii laatu.

Ta'us immoo barreeffama kana geggeessitoota waldaa kiristaanaa wajjin (lakkoofsa 10). Gareen kan walmufachiisan hundumtuu amantoota Qoronxoos kan ilaallatan miti (jechuun 2:6 kan bilchaatan), tokko tokko qofti (jechuun, " nama foonii" "kiristoositti daa'ima" 3:1). Paawuloos isaan geggeessitoota garee qoqqoodamsa kana, isaa fi Appiloosii wajjin kan wal dorgomsiisu 3:6-9 irratti. Kan dhiyoo qabiyyeen barreeffamaa lakkoofsa 10-15 geggeessitoota wajjin adeema,kennaa hafuuraa akkamitti tajaajila waldaa kiristaanaatiif akka fayyadaman. Kun lakkoofsa 17 irratti kan jiru of eeggachiisaaf amansiisaadha.

Ilaalcha lamaan gidduutti murteessuudhaaf ni rakkisa, (1) Kakuu Haaraan kiristaana foonii ejjennoo hafuuraatii fi rakkoo itti fiduuf hin ibsine (2) lakkoofsa 17 irra kan jiru "badiisa" ibsi itti hin laatamne. Lakkoofsa 15 fi17 dirqamatti faallaa isaa wal bira qabuun argamuutu irra jiraata. Qabiyyee kanaani hundumtuu "ifs" FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENCES sadarkaan jalqabaa wantoota hima haalaati kunis kayyoo barreessichaa fi sirrii godhamee fudhatama. Lakkoofsi 14 amantoota dhugaa akka ta'aniidha kan inni yaadu, bifa biraatiin lakkoofsi 15 immoo kan inni tilmaamu tokko tokko badhaasicha argachuu irraa akka itti hir'atuudha.Lakkoofsa 13 irra kan jiru "qorumsa" jechi jedhu waliigala isaa mirkaneessuuf qormaata ta'uudha. Ta'us,qabiyyee barreeffamaa kan argisiisu, Paawuloosi wangeela hubachuu dadhabuu isaanii,nama hafuuraa ta'uu dhiisuu isaanii,hinaa hinaadhaan,gargar wal qoqoduu isaanii ceepha'a.

Anaaf kan wayyu kan natti fakkaatu barreeffama kana amantoota hundumaa wajjin wal qabsiisu miti,garuu immoo ta'uu baatu geggeessitootaa wajjin murtaa'a gochuu miti.Barreeffamni isaa keessumatti kan inni wajjiin adeemu waldaa kiristaanaa keessatti qoqqodamsaa fi garummaa warra babal'isan irratti. Amantootni hundumtuu waaqayyoof deebii kennu, qaama isaa kan ta'aniif,waldaa kiristaanaatiif waa'ee tajaajila kennamuufis ta'ee badiisa geessisaniif (II Qorontos 5:10, Galaatiyaa 5:10).

## Qayyabannaa jechaa fi gaalee

### I Qorontos 3:1-4

**[1]Ani yaa obboloota ko, akka warra yaada foonii duukaa bu'anii, Kristoositti immoo xobbee akka mucoolii ta'aniittan isinitti dubbadhe malee, akka warra yaada hafuuraa duukaa bu'aniitti isinitti dubbachuu hin dandeenye*. [2]Ani aannan akka dhugdaniif isiniif kenneera; isin nyaata jabaadhaaf hin geenye turtan, ammuma iyyuu hin ga'in jirtu*. [3]Aisinoo amma iyyuu akka warra yaada foonii duuka bua'nii ti; hinaafuunii fi wal qocoluun erga isin gidduu jiraatee, isin warra yaada foonii duukaa buutan mitiree? Akka yaada namaatti jiraattu mitii ree*? [4]Isin keessaa inni tokko "Ani kan Phaawulos" jedhee, inni kaan immoo, "Ani kan Apholos" yommuu jedhu, warra akka yaada namaatti hojjetan ta'uu keessan mitii ree*?**

**3:1 "Obboota"** 2:6 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Isinitti dubachuu hin dandeenye"** kun gocha kan argisiisuu fi gocha hin murtoofne yeroo ta'u kan inni argisiisus ka'umsa lallaba Phaawuloos Qorontositti (Hojii Ergamootaa 18:1-18).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"akka nama hafuurraatti"** |
| **NKJV, NRSV** | **"Akka namoota hafuuratti"** |

**TEV** **"hafuurri qulqulluun gara namoota keessa jirutti"**
**NJB** **"akka namoota hafuuraatti"**

Phaawuloos lakkoofsota kana kan inni dhiyeessu eenyu fa'iif (1) amantoota hundumaaf yookiis (2) hafuuratti kan hin bilchaanne (jechuun,warra qoqqoodan lakkoofsa 4)? Gaaffii deebii kanaa kan ta'u inni tokko 2:6 akkamitti akka hiikaniidha. Waldaa Qorontositti hafuuraa geggeeffamaa kan turan amantootni bilchaatoon jiru turanii yookis hundumtuu kan hin bilchaanne turanii?

▣ **"Garuu"** kun jabaa dabal gochaa alla**. "warra bilchaatan" gidduuttii"** fi 2:6 **" jechuun namoota hafuuraa" "namoota foonii"** faallaa qaba, 3:1-4 irratti. Garee lamaan hafuuricha qabu (jechuun,amantoota), haata'u malee warri jalqabaa amala hafuura qulqulluu yeroo qabaatan, ramaddiin lamma garuu amala biyya lafaa qabu.

▣

**NASB** **"nama foonii"**
**NKJV** **"Akka nama fooniitti"**
**NRSV** **"akka namoota foonitti"**
**TEV** **"Biyya lafaa kanaaf akka namoota walfuudhanii"**
**NJB** **"ammayyuu yaada uumamaa akka namoota qabanitti"**

Kun Giriikiidhaan "sarkinos"dha. Maxxantuun inos hiiki isaa "kan hojjetame" yookaan "kan argamee"dha. (Fakkeenya "laphee foonii" II Qorontos 3:3) waan ta'eef hiiki isaa "foon irraa kan hojjetame" ta'a. Paawuloos " foon" jecha jedhu kan inni fayyadamu karaa adda addaa baay'eedhaan (mata duree addaa 1:26 ilaali). Qabiyyeen barreeffama kanaa (jechuun, " kiristoosiin akka ijoollee daa'imaatti") fayyadamuu kan barbaade,hafuura qulqulluu amantoota qaban ta'ee haa ta'u malee karaa biyya lafaa irra warra adeemaniidha. Kunis foon Phaawuloos yookaan hafuura miti (Roomee 8:1-11), Haata'u malee ramaddii amantootaati. Kun dhugaa yoo ta'e qabiyyeen barreeffama kanaa kutaa xiqqoo Kakuu Haaraa keessatti argaman,jechuun garaagarummaan kun kan irratti godhame keessaa tokko ta'a. Kun egaa wanti gaddisiisaan,qulqullaa'uu kan hin qabne fayyina ta'a. Kiristoosiin akka fayyisaatti fudhachuu,haa ta'u malee kiristoos gooftaa akka ta'e jiraachuu dhiisuu.haalli hafuuraa kun hinaa amalaa,walitti bu'insa, fi hafuura gargar qoqqoduu kan calaqqisiisu yoo ta'e waldaan kiristaanaa isheen hammayyaan akkam taati? Safuu "amantoota daa'ima" gaddisisaa mootummaa waaqayyootiif laphee mootichaaf!

▣ **"Kiristoositti daa'ima akka ta'an"** amanaan kamiyyuu yeroo jalqabu akka amanaa daa'imaatti. Kanatti qaaniin hin jiru. Kunis ka'umsa dubbii haalaa maatiiti, innis "lamma dhalachuu" kan jedhu yaad rime irraa maddeedha. ( Yohaannis 3:3, II Qorontos 5:17,1 pheeiroos 1:3,29), haa ta'u malee daa'ima taanee hafuun nurra hin jiraatu!

**3:3 "Anis akka aannan dhugdaniif isiniif kenne"** kunis dubbii haalaa itti fufuudha, amantoota haaraadhaaf,akkuma amala ijoollee akka qabutti dhaloota haaraa (Ibroota 5:12-14 ,1 Pheexiros 2:2). Tertuuliyaadhaa fi Ippooliituus akka nutty himanitti waldaan amantoota isheen durii jijjiirama haaraa isa jalqabaa yeroo irbaata qulqulluun kennamutu ture, fakkeenya dhugaa kanaatiif kan ta'u.

▣ **"Isinis hammayyuu fudhachuu hin dandeenye"** Phaawuloos ergaa kana yeroo barreessutti ji'I baay'een darbeera. Hammam illee jalqabi jireenya kirustaanaa daa'ima ta'uun sirrii yoo ta'e iyyuu,waggoota baaay'ee booda kiristaana daa'ima ta'uun baay'ee nama gaddisiisa.

Boqonnaan sadii kun bantuun lakkoofsichaa geggeessitoonni qoqqoodduun hayyamummaa of tuulummaan miidhuun isaanii dirqama. Asitti kan hin xumuramne galumsi gegeddarumsa yeroo jira (Isinis hamma iyyuu hin dandanye) fi yeroo ammaa (jechuun, "ammallee hin dandeenye"). "Danda'u" jechi jedhu, jechi Giriikii Dunamai yeroo ta'u hiki isaa humna gochuu,wal ijaaruuf gara bu'aa ga'umsaatti hojjechuudha. Amantootni warra fayyan tajaajiluudha,isaan kan waamaman hamma kiristoosiin akka fakkaatan,booda mootummaa waaqayyoo utuu hin ta'in . Isaa kun "amantoota" tokko illee humna mo'uu hin qaban,humna foonii qofa,innis,kan ammaa,humna dhabuudha!

**3:3**
**NASB** **"ammayyuu warra fooniti"**
**NKJV** **"Ammayyuu warra fooniiti"**
**NRSV** **"Ammayyuu foon irraati"**
**TEV** **" Ammayyuu kan isin jiraattan akka namoota biyya lafaa kanaatti"**

**NJB "Ammayyuu kan isin jiraattan haalli keessan akka uumamaatti"**

Kun Girikiidhaan *sarkikos* dha. Inni dhumaa ikos hikisaa "amala kan ta'e"(2:14-15). Phahuloos sarks (foon) jecha jedhu tapha jechaa godhera, lakosa 1 fi 3 kan amantoota baayee Qorontos ibsuudhaafi, fayyanii, garuu baayyee kan hibilchaane.isaan dhufaatti turan, mataa isaan kan ganan osoo hinta'in "foonummaa" mataduree addaa 1:26 ilaali.

▣ **"Walittii hinaafuufii gargarba'uu"** isaan kun Gaalaatiyaa 5:19-21 irratti kan tarreefaman hojii foon lama. Isaan kunisi ragooleedha, amantoottii Qorontos tokko tokkoo hagaa ammaati warraa foonii ta"uu isaaniiti. Barreefamii Giriikii durii tokko tokko (jechuun, p 46, D, fi hiki sirkii) kabroonisi dabalata ibsi jechaa jira, "gargar qoqqodamsa" innis immoo galatiyaa 5: 20 irrattii argama. Innis sirriimattii rakkina Qorontos kessa jiru mul'isa. Ta'usi sagalchi MSS p. 11, a,A, B, C, fi P fi Vaalget, Koptiiki fi Armaniyaa hika irratti hinargamne. Innii tarii dabalata barresitootaa ta'a (jechun, UBS[4] cituu isaa akka B tti lakka'a (gutuu gutuuti osoo hinta'in sirummaa isaa).

▣ **"Akka nama waa'ee hibaasnetti adeemuu kessan mitii ree"** gaaffiin kun boca serlugaa "eyyee" deeb jedhu eega. Kun qabiyee fooniiti. Bilchinni ija isaa ttiin mul'ata, haala isaatiinis ta'ee gochaan (Roomee 8:1-11, Mat 1:7).

**3:4** kun ramaddii 1:10-17 calqisiisa.

## I Qorontos: 3:5-9

**5 Egaa Apholos kun maali? Phaawulos kunis maali? Inni, anis hojjetoota warra gara amantiitti isin waamanii dha; nus adduma addaan akka gooftaan nuuf kennetti in hojjenna. 6 Ani nan dhaabe, Apholos bishaan obaase, Waaqayyo garuu in guddise*. 7 Waaqayyo isa guddisu sana malee, inni dhaabu, inni bishaan obaasus homaa miti. 8 Inni dhaabee isa bishaan obaasee wajjin tokko; adduma addaanis akka dadhabbii isaatti miindaa ofii isaatii in fudhata*. 9 Nuyi hojii Waaqayyoo keessatti hidhata walii ti, isin maasii Waaqayyoo ti; mana Waaqayyo ijaaruu dhas*.**

**3:5**
**NASB NRSV**
**NJB "maal"**
**NKJV, TEV "eenyu"**

Waraabdoon Kingi Jemsii "enyutu" jedhe (jechuun, *tis*), barreffama Giriikii hordefee P.46 ,C, D, fi G. baayeen hiki Ingilifaa "maal" jedhaniin (jechuun, *ti*) innis ta"e jedhee dhunfaa iratti xiyyaafanno isaa fudhachuuf waan barbaade fakata (jechuun, phaahulos, Aphiilos, Pheeexiros). Lakkofs kun kan inni mirkanessu lakkoosaa 7 irratti kan jiru ti dha. *Bruce Metzger, A Textual commentary on the Greek NT*, (tarreefami Giriiki kakuu haraa fuula 548 ilaali.

▣ **"Tajaajiloota"** jechi kun (jechuun, *diakonos*) dha, isa irraas jechi Ingili "Deacoa" (daaqonii) kan nuti arganne (Filippisiyuus 1:1,1 Ximootiwoos 3:8,12). Innis jecha Giriikii sadan keessaa tokko ta'eera (jechuun, *therapeuō, hupē reteō* and *diakoneō*)). Adeemsa, gargaaarsa, tajaajila adda baasuudhaaf fayyadama irra kan oole (kan biraan jechi baratame latreuo tajaajila lubummaa ibsa). Mata duree addaa, tajaajilummaa geggeessaa 4:1 irratti ilaali.

▣ **"Isattis immoo kan amantan"** kiristaanummaan kan inni jalqabu murtoo fedhaan godhamu irratti (jechuun,gocha kan ammaa argisiisu) wangeela waaqayyoo fudhachuuf,innis Iyyesuus Kiristoosiidha, barumsa isaa,hojii fayyisuu isaa, du'aa kakuu isaa,akkasumas immoo dhufaatii isaa. Eenyu iyyuu mataa isaatiin gara fayyinaatti dhufuu hin danda'u. Dhimmi isaa eejjennoo maatii lammii,beekumsa miti dhimmi isaa kennaa kakuu waaqayyootii fi deebii kakuu keenyaati (jechuun, qalbii jijjiirrannaa,amantii,abboomamuu,tajaajila fi jabina). Namoota kiristoosiin fudhachuudhaan, wangeelatti amanuudhaan kiristoosiiin adeemuudhaan kiristaana ta'u. Isaan kun isa jalqabaa lamaan godhaniiru sadan garuu duraa hir'ata. Oduu gaariin qaami isaa, dhugaa, fi tooftaa jireenyaati. Sadanuu hundumtuu bilchinaaf murteessaadha.

Jecha Giriikiitiin amanuu (jechuun, *pisteuō*) Inglin yeroo hiikamu akka amanuutti, amanachuu,amantiidha.kan isaa kan Kakuu Moofaa hiiki ittiin qixxaatu "cimaa ta'uu" dha. Akkasumas isa booda gara fayyadama haalaatti jijiiramee tokkoof kan amaname, amanamaa, obsa, yookaan kan amanatu jechuu ta'a. (mata duree addaa 1:9 ilaali). Qabiyyeen barreeffama kanaa tokkummaa akka ibsutti namooti gochuu kan

danda'an waaqayyoof amanamaa ta'uu, waaqayyoodhaaf deebiin kakuu amanamummaa kennuu qofa. Amantiin namootaa amanamummaa waaqayyoof deebiidha! Abbaa amantii, abdiin amantii waaqayyoodha, ulfina isaa, araara isaa,waamicha isaa, mucaa isaa, hafuura isaa isaan kana dhala namaa isa hamaadhaaf qofaa isaa abdiiwwan.

▣ **"Tokkoon tokkooniif akka gooftaan carraa kennetti"** cimsi asitti jiru qabiyyee waaqayyummaa irratti malee deebii namootaa yookaan raawwii miti. Haa ta'u malee dursa ga'umsa beekamtii galmi isaa qulqullummaadha malee (Efesiyoon 1:4,2:10), Ejjennoo loogii miti, gocha carraa dhuunfaa irratti oolchuu yookaan carroomuu dhuunfaa miti tokkoon tokkoon amanaa waaqayyoodhaan badhaafameera.tajaajilaa fi waldaa kiristaanaatii fi (I Qorontos 12:7,11,Efesoon 4:11-13).

Inni sirriin "kan gooftaa"adda baasuun rakkisaadha. Yeroo hundumaa waaqayyo abbaadha fayyinaaf kan waamu. Haa ta'u malee Paawuloos "gooftaa" duraan dursee yeroo baay'ee I Qorontos irratti Iyyesuusiin argisiisuuf fayyaadameera (1:2,3,7,8,9,10,2:8). Ta'es Phaawuloos yeroo baay'ee keeyyata Kakuu Moofaa eerera. Innis gooftaan Yaayiwwee kan ittiin argisiisu (1:31,2:16,3:20). Kan qabatamaa hin taane 2:16 irratti ifatti mul'ata innis gooftaa Kakuu Haaraatti kan eerame "yaada kiristoos" kan jedhu fayyadama wal bukkeeti.

"Tokkoon tokkoon" gaaleen jedhu immoo ergichi eenyuuf akka ta'e murteessuudhaa fi rakkina jiru ifatti argisiisa. Phaawuloosii fi Appiloos geggeessitoota kan kana fakkaatan, amantoota Qoronxoos, yookiis lammanuu amantootaatii?

1. Wantootni hundumtuu waamamaniiru,kennamaniirus,haa ta'u malee tokko tokko immoo kan waamamanii fi warra kennaman geggeessuudhaaf ( Seera Lakkoofsaa 16:3).
2. Qabiyyeen barreeffama isaa adda ba'ee kan qindaa'eedha yookiis cimsa nama dhuunfaa qabaa? (jechuun, geggeessitoonni tokko tokko)

**3:6 "Kan dhaabu… bishaan obaasuu"** Phaawuloos dubbii haalaa qonnaa fayyadameera.Wangeelli sanyiidha (jechuun, Mat 13). Garuu kan facaasan namoota,kan kunuunsanis.

Ergamni guddaan "jechuun Maatiwoos 28:19-20" wantoota walmadaalu lama qaba

1. Wangeellawwummaa
2. Duukabuutummaa

Paawuloos waldaa kiristaanaa kan inni jalqabu wangaala lallabuudhaan yammuu ta'u Appiloos immoo waldaa kiristaanaa barsiisa. Lamman isaanii ija kan ta'anii fi kan gargar hin baaneedha!

▣ **"Waaqayyo garuu in guddisa ture"** kun kan yeroo hin xumuramneeti, innis kan yeroo darbeetiifi gocha itti fufeenya qabuudha. Kan Phaawuloosii fi Kan Appiloos kan haala gochaa yeroo tokkooti, garuu kan waaqayyoo gochi isaa akka itti fufanitti jiru (lakkoofsa 7).

**3:8**

| | |
|---|---|
| **NASB NKJV** | **" isaan tokko"** |
| **NRSV** | **"Kaayyoo waliinii qabu"** |
| **TEV** | **"Gidduu isaanii garaagarummaan hin jiru"** |
| **NJB** | **"Hundumtuu tokko"** |

Gaaffiin gaalee Giriikii kun gabaabaadhaa fi kan qabatamaa hin taane (jechuun, NASB, NKJV) kan ta'u (1) geggeessitootni hundumtuu walqixxeedhaa yookiis (2) geggeessitootni hundumtuu guddistuu waldaa kiristaanaa wal fakkaataa tajaajila hin hirmaatu? Gaaffiin ta'u kennaa hafuuraa gidduutti miti (jechuun, ka'umsa wangeelaawwummaa yookaan duuka buutumma, tikse/barsiisaa… Efesoon 4:11 (haa ta'u malee hojii waaqayyootii fi meeshaa namummaa gidduudha. Furtuun waaqayyoodha!

▣ **"Haa ta'u malee tokko tokkoon badhaasa isaa akka hojii isaatti fudhata"** Yaadni rimeen badhaasichaa lakkoofsa 10-15 irratti tarreeffameera. Badhaasa waa'ee ibsuu yaadannoo guutuu 3:14 irratti ilaali.

Kun tajaajilaaf kan ta'u yaada badhaasaa lakkoofsa 13 fi Galaatiyaa 6:7 irratti irratti kan tarreeffame qajeelfama hafuuraa wajjin adeema. Kan facaafne haamna (II Qorontos 9:6).

Wal qabataa kan ta'e dhimma sadarkaa badhaasaa xin-waaqummaa . Humna hafuuraatiin kan keessa bule beekumsa wangeelaa fi waldaa kiristaanaa waaqayoo geggeessaadhaafii waamamuun itti gaafatamummaa guddaa fida (Luq 12:48) Kakuu Haaraan sadarkaa badhaasaa fi adaba barsiisa (Maatiwoos 10:15,11:22,24,18:6,25:21,23,Marqoos 12:40,Luqaas 12:47-48,20:47,Yaaqob 3:1). Mata duree addaa 9:24 irratti ilaali.

**3:9**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Waaqayyoodhaa wajjiniin kan hojjennuudha"** |
| **NRSV** | **"walii wajjin kan hojjennu tajaajiloota waaqayyoti"** |
| **TEV** | **"waaqayyoodhaaf wajjin kan hojjennu hidhata hojiiti"** |
| **NJB** | **"Hojii waaqayyoo irratti kana hirmaannuudha"** |
| **REB** | **"tajaajila waaqayyootti walii wajjin kan hojjennuudha"** |

Hiikota adda addaa argisisuudhaaf kan yaalan Aphiloosii fi Paawuloos waaqayyoodhaaf akka hojjetaniidha, Hojjetootni sadan wajjin hojjetan isaan qofa miti. Duraa boodi isaa dirqamatti hafuu kan qabu Waaqayyoodhaaf ,isaan geggeessitoota yeroo osoo hin ta'in!

Kun kan argisiisu Paawuloosii fi Ahpiloos.kun kan ba'a dhiyoo jecha haalaa maatiiti, bakkee irratti walii wajjin kan hojjetan (II Qorontos 6:1) Lakkoofsi kun abbaa sadii kan hubachiisaniidha,
Phaawuloosii fi Appiloos waaqayyo abbaa irraa kan ta'an, akka waldaa ishee Qorontos jirtuu.

▣ **"Isin qonnaa Waaqayyooti, mana Waaqayyootis,"** kun kan argisiisu waldaa Qorontos. Phaawuloos misooma qonnaa (Isaayyaas 61:3, Mat 15:13) fi jecha haalaa ijaarsa manaa (Efesoon 2:20-22,Qolaasiyaas 2:7,1 Pheexiroos 2:5) Waldaa kiristaanaa ibsuudhaaf fayyadameera. Haala xin-waaqummaa tiin yaadatamuu kan qabu waldaan kiristaanaa hawaasa malee manicha miti.

## I Qorontos3:10-15

**[10]Akka ayyaana Waaqayyo biraa anaaf kennameetti, akka nama mana ijaaruu beekuuttis hundee manni irratti ijaaramu kaa'eera, namni kan biraa immoo isa irratti in ijaara; adduma addaan attamitti akka irratti ijaaru garuu haa akeekkatu*. [11]Isuma dur kaa'ame sana malee homtinuu hundee biraa kaa'uu hin danda'u; hundeen dur kaa'ame sunis Yesus Kristos*. [12]Namni wareedhaan, meetiidhaan, dhagaa gati-jabeessaan, yookiis mukaan, citaadhaan, hodhaanis hundicha irratti in ijaara. [13]Hojiin nama adduma addaan ibiddaan mul'ifamee in beekama, guyyaan firdii bakkeetti in baasa; hojiin namaa adduma addaan maal akka ta'e, ibiddi qoree in mul'isa*. [14] Hojiin namicha isa irratti ijaaree, utuu hin gubatin yoo hafe, namichi gatii isaa in fudhata. [15]Hojiin namichaa yoo duraa gubatee garuu inni gatii isaa in dhaba; haa ta'u iyyuu malee ofii isaatii akka nama ibidda keessaa ba'eetti in oola*.**

**3:10 "Akka ayyaanni waaqayyoo anaaf kennametti"** Phaawuloos fayyina isaa, waamamuu isaa fi kennaa isaa cimsa, ormootaaf ergamaa ta'uu isaa (15:10).

▣ **"Ishee abshaala itti gaafatamtuu ijaarsaa"** kun immoo ta'uu kan qabu "to'ataa ijaarsaa jecha Ingili "Mahandis" kan arganne jecha Giriikii irraati. Phaawuloos yaada kanaani taayitaa isaa kan cimsu ormootaaf kiristoos akka waame ergamaadha, Akkasumas wangeela isaan kana Qoronxoosii wajjin hirmaachuudhaaf isa jalqabaa akka ta'eedha.

▣ **"Hundeen kaa'e"** kun kan argisiisu ka'umsa lallaba phaawuloos, Qorontositti.Innis Isaayyaas 28:16 waabii ta'a. Iyyesuusi hundee isaati!

▣ **"Kan biraa irratti ijaara"** Phaawuloos waldatti kiristaanaa jalqabe,kan biroon guddina isheetiif gumaachan.Appiloos fakkeenya tokko ( 5:9). Ta'us qabiyyee barreeffamaa kun kan wajjin adeemu waldaa kiristaanaa keessa kan jiran geggeessitoota kan biraa, hafuura qoqqooduu warra baballisaniidha. Isaan tarii geggeessitoota waldaa mana keessaa adda addaa in qabaatu ta'a.

▣ **"Tokkoon tokkoon namaa of eeggachuu qaba"** kun akka jirutti xiyyeeffataa gocha ammaa irratti *blepō* "nan arga". Kun of eeggannoodha, jechuun geggeessitoonni waldaa kiristaanaa waa'ee waldaa kiristaana gochaan isaanii waaqayyoof deebii akka kennu, amantootni kan biroonis akka isaan ta'an hundumaa (II Qorontos 5:10).

**3:11** Keewwata kana irratti waldaa kiristaanaa keessatti safartuun lama eerameera,

1. Kan geggeessitootaa/amantootaa ergaan kiristoos irratti kan xiyyaafatu ta'uu qaba (lakkoofsa 11-12 fi Efeesoon 2:20-21
2. Kan geggeessitootaa/amantoota jireenya kiristoosiin fakkaachuu qabu (12-15)

**3:12 "Akkaa"** kun isa jalqabaati rimiddii jalqabaa irraa tarreeffama hima haalaa, innis haala yaada barreessichaatiin sirrii kan ta'e yookaan kaayyoo barreeffamichaa irraa (lakkoofsa 12,14,15,17,18). Ija qabeessaa fi geggeessitoota gati qabeessaa fi kan miidhanii fi kan balleessan geggeessitoti turan (in jiraatus)!

▣ **"Eenyu iyyuu hundecharratti yeroo ijaaru"** asitti gaaffii hiikaa isa guddaa kan ta'u, Phaawuloos kan dubbatu waa'ee hundee kamiiti (1) Wangeela lakkoofsa 11 yookan (2) Waldaa kiristaanaa Qorontosiin jirtu lakkoofsa 10 inni ergaa isaa kan ittiin ga'u geggeessitoota moo yookiis amantoota walumaagalaa? Kan tokkoo lakkoofsa 10-15 hiiki isaa lakkoofsa 16-17 wajjin dirqamatti adeemuu qaba, innis waldaa kiristaanaa guutummaa ishee akka mana qulqullummaa waaqayyootti kan inni ibsu.

▣ **"Warqee,birrii,dhagaa gati jabeessa"** cimsi asirra jiru turmaata yeroo dheeraa,bareedinaa fi gatii guddaa akkasumas abiddaan baduu dhiisuu isaati. Dhagaa gati jabeessi mi'a bareedinaa, murtaa'aan dhagaa gati jabeessi, ibnebaradii soqaman dhagaa ta'uu danda'a.

**3;13**

**NASB "Kan mul'isu ta'a"**
**NKJV "Kan mul'isu ta'a"**
**NRSV " Kan argamu ta'a"**
**TEV "Ni mul'ata"**
**NJB "Kan mul'atu ta'a"**

Kan amantootaa/geggeessitootaa tajaajjilli ifatti kan argisiisu (jechuun, yaada keesaa,gochaawwan,kaayyoowwan lakkoofsa 13 irratti gochama irra deddeebi'u sadan cimsa laateera.

1 Ifatti kan argamu (jechuun, *phainō*)
2 Argisiisu ( jechuun, *dēloō*)
3 Mul'achuu (jechuun *apokaluptō*)

Kun ifatti kan argisiisuu fi murtii amantootaa wajjin dirqamatti kan adeemuu qabu teessuma murtii kiristoos wajjin II Qorontos 5:10 irra kan jiru.

▣ **"Guyyaan isin argisiisa'oo"** kun kan argisiisu kan Kakuu Moofaa "guyyaa gooftaa", innis lamaan isaa badhaasaa fi ulfina amantootaa fi warra hin amanneef mutiidha.Ta'us, amantootni illee teessuma murtii kiristoos duratti dhiyaatanii deebii laatu (2 Qoronxoos 5:10 , Matiwoos 12:36-37,25:31,Roomee 2:16,14:12,Galaatiyaa 5:10, Ibiroota 13:17).

▣ **"Abidda"** itti fufee kan jiru mata duree adda ilaali

## MATA-DUREE ADDAA: ABIDDA

Caaffata qulqullaa'aa keessatti abiddi lachanuu hiikaa alta'aa fi abdachiisaa /bu'a qabeessa/ ta'aa (positive) ta'e qaba.

A. Ta'aa (Positive)
   1. Ho'a (Ki. Isa. 44:15, Wang. Yoh. 18:18)
   2. Ifa (Ki. Isa. 50:11, Maat. 25:1-3)
   3. Bilcheessuu (Ki. Se.Ba. 12:8, Isa. 44:15-16, Yoh. 21:9)
   4. Qulqulleessuu (Ki. Se.Lak. 31:22-23, Fak. 17:3, Isa. 1:25, 6:6-8, Erm. 6:29, Milk. 3:2-3)
   5. Qulqullina (Ki. Se.Uum. 15:17, Se.Ba.3:2, 19:18, Hisq. 1:27, Ibr. 12:29)
   6. Geggeessaa Waaqayyoo (Ki. Se.Ba. 13:21, Se.Lak. 14:14, 1Moot. 18:24)
   7. Aangoo Waaqayyoo (Ki. Hoj. Erg. 2:3)
   8. Eegumsa (Ki. Zak. 2:5)
B. Alta'aa (Negative)
   1. Gubuu (Ki. Iyy. 6:24, 8:8, 11:11, Maat. 22:7)
   2. Mancaasuu (Ki. Uum. 19:24, Se.Leew. 10:1-2)
   3. Aarii (Ki. Lakk. 21:28, Isa. 10:16, Zak. 12:6)
   4. Adabbii (Ki. Uum. 38:24, Leew. 20:14, 21:9, Iy. 7:15)
   5. Mallattoo sobaa bara dhumaa (Ki. Mul. 13:13)
C. Aariin Waaqayyo Cubbuutti aaru bakabuusa abiddaan ibsama
   1. Aariinsaa hin boba'e (Ki. Hoos. 8:5, Zef. 3:8)

2. Inni abidda hin dhangalaasa (Ki. Naah. 1:6)
3. Abdidda bara baraa (Ki. Erm. 15:14, 17:4)
4. Firdii/Murtoo/ bara dhumaa (Ki. Maat. 3:10, 13:40, Yoh. 15:6, 2pheex. 3:7-10, Mullata/ mul'ata 8:7, 16:8)

D. Akkuma bakka buusota danuu macaafa qulqulluu keessatti argamanii (kan akka raacitii leenca), akkasumas abiddis akka galumsa isaatti eeba ykn abaarsa ta'uu danda'a.

▣ **"In qora"** kun kan argisiisu qulqulleessuu abiddaati (4:5), innis tolaa gochuuf ilaalcha qora (jechuun ,*dokimazō*).

## Mata duree addaa :Jechoota Giriikii qoruudhaafii hiika isaaniitiif

Jechi Giriikii lama jiru : isaanis tokkoon isaa akeekaa fi yaada qoruu kan qabu

1 *Dokimazō*, Dokimion,Dokimasia

Jechi kun sibiilummaa cimina waan tokkoo qoruuf jecha ta'uudha. (jechuun, haala meetaafooriitiin nama tokko) abiddaan. Abiddi sibiila dhugaa argisiisa in gubas (jechuun, in quleessas) ligidaa'ummaa adeemsa haalaatiifi jecha haalaa cimaa ta'eera, waaqayyoodhaa fi /seexanni fi /namoonni kan biraan yeroo qoran. Jechi kun qofaa isaa fayyadama irra kan ooleedha.Bifa alta'aadhaan fudhatama argachuudhaaf kan qoru ta'uu isaa. Innis qoruudhaaf Kakuu Haaraatti fayyadama irra kan oole

a. Sangoota Luqaas 14;19
b. Mataa keenya 1 Qoronxoos 11:28
c. Amantaa keenya Yaaqoob 1:3
d. Waaqayyo illee Ibiroota 3:9

Bu'aan qormaata kanaa gaarii akka ta'utti yaadama (Roomee 1:28, 14:22,16:10,II Qorontos 10:18,13:3,Filippisiyuus 2:27,1 pheexiroos 1:7). Kanaafuu jechichi kan argisiisu yaadi isaa inni tokko kan ittiin sakatta'amuu fi qoramuudha

a. Fayyadaa akka ta'u
b. Gaarii akka ta'u
c. Qajeelaa akka ta'u
d. Gati qabeessa akka ta'u
e. Kabajamaa akka ta'u

2 *Peirazō*, *Peirasmus*

Jechi kun yeroo hundumaa dogoggora barbaacha yookaan kaayyoo fudhachuu dhiisuu kan argisiisu hiika sakatta'iinsa qabateedha. Innis yeroo hundumaa fayyadama irra kan oolu qormaata yesuus lafa onaa wajjin walqabateeti

a. Innis kan inni ibsu iyyesuusiin qabuudhaaf yaalii godhamu (Matiwoos 4:1,16:1,19:3,22:18,35,Maarqoos 1:13,Luqaas 4:38,Ibiroota 2:18).
b. Jechi kun (*peirazōn*) akka moggaasa seexanaatti hojii irra ooleera. Matiwoos 4:3,1 tasolonqee 3:5.
c. Innis yesuusin fayyadama irra oolera,waaqayyoon akka hin qorre (Matiwoos 14:7,Luqaas 4:12,) [yookaan kiristoos 1 Qor 10:9] inni immoo waan hin bareenne hojjechuudhaaf yaalii ibsaati (Hojii Ergamoota 9:20,20:21,Ibiroota 11:29). Inni fayyadama irra kan oole qormaata amantoota fi sakatta'amuu wajjin walqabateeti (I Qorontos 7:5,10:9,13, Galaatiyaa 6:1,1 tasalonqee 3:5, Ibiroota 2;18,Yaaqoob 1:2,13,14, 1 pheexiroos 4:12,2:19). Waaqayyo diina mucaa namaa sadiif iyyama (jechuun, biyya lafaa,foon fi Seexana) Yeroo murtaa'ef bakka murtaa'etti akka mul'ataniif.

▣ **"Tokkoon tokkoon qulqullina hojii namaa"** haala qabiyyee barreeffama kun kan argisiisu hirmaannaa waldaa kiristaanaati.kennaan hafuuraa hundumtuu waldaa kiristaanaa qulqulleessuuf (12:7) tokko illee garaa garummaan hafuuraa hin jiru lubaa fi amanaa,geggeessa fi gidduutti, haata'u malee garaagarummaan hojii jira (Seera lakkoofsa 16:3). Geggeessitootni caalaatti kan itti gaafatamaniidha (Yaaqoob 3:1).

**3:14 “Akka”** kun lammadha walitti fufeenyaan ramaddii jalqabaa haala hima innis haala barreessaatiin sirrii ta’ee kan yaadamu yookaan kaayyoo barreeffamichaati (lakkoofsa 12,14,15,17,18)

▣ **“Innis badhaasa isaa in fudhata”** keewwati kun kan argisisu badhaasa, fayyina utuu hin ta’in.Namooti eeraman martinuu amantoota akka ta’anitti yaadama.

Yaadrimee badhaasi Kakuu Haaraa hojiidhaan kan ta’u fayyina dirqamatti adda ta’uu qaba (Roomee 6:23). Badhaasi Kakuu Moofaa yookaan eebbaa wajjin kan walqabatu ture (seera keessa deebii 11:13-32, 27:29, Faarsaa 1). Asirratti inni sirriidha. Ta’us kennaan ayyaana malee badhaasa miti. Jireenya amantiitiif abboomamuu bu’aa fayyinaati malee mallattoo fayyinaa miti. Badhaasonni baduu danda’u fayyinni garuu lammaffata qabamuu danda’a. badhaasi amantootaa fi guddina tajaajilaaf beekamtii laachuudha. Phaawuloos amma qorannaa inni amma raawwate addunyaalessa (waliigala) isa godheera (1 Tasolonqee 2:19-20, Filiphisiyuus 2;14-16) Amantoota hundumaa hammachuudhaaf . badhaasi wangeela tamsaasuuf haala wayyuuf fi amanamummaadhaan tajaajila isaanii kan ba’an karaa beekamtii laatuufiidha. Badhaasi kennaa waaqayyooti, inni karaa inni aboo lateen mootummaa isaatiif. Akkuma kan biroo walitti dhufeenyi kakuu,amantootni haala ta’uuf itti fufeenyaan deebii laachuutu irra jiraata (1 Qorontooos 9:24-27) Mata duree addaa : Kan badhaasaa fi sadarkaa adabaa 9:24-2227 ilaali.

**3:15 “Eenyu illee kan inni hojjete yoo gubate”** ija malee, dhuunfaatti, qoqqooduun jireenya kiristinnaa hammam gaddisiisa – nama dhuunfaatiif gadda,waldaa kiristaanaatiif gadda, warra fayyanifis gadda

▣ **“Inni mataan isaa garuu in fayya”** kun kan argisiisu dursuu ayyaanaati, badhaasa isaa haalli inni ittiin dhabus yoo jiraate.

Yaadrimeen kun waaqayyoodhaan fayyina bilisaa homaa hojii kiristoosiin xumuramee fi kadhannaa hafuura qulqulluu faallaa isaa waan hundumaaf gatii kennuu kan jiru bakka bu’ummaa jireenya kiristaanummaa gidduu kan jiru bitaacha galuu xin-waaqummaa deebii kan kennuudha. Sodaan koo barreeffama kana akka furtuu yaadrimee fayyadama irra kan jiru, sagalee isaan baay’ee kan hin baay’isne ramaddii xin-waaqummaa “qulqullummaan kan kufe”foonummaa kiristaana daa’imaaf fayyadama irra ooluu isaati! Waldaan kiristaanaa ammayyaa yaad rimee kana kan isheen itti fayyadamtu bu’a qabeessa kan hin taane,miira kan hin qabne waldaa kiristaanaa biyya lafaati, haa ta’u malee altokko tokko kan inni ibsu dirqama Kakuu Moofaa kan ta’e guddina hafuuraati (Ibiroota 5:11-14).

▣ **“In fayyan”** kun raawwata kan ta’e ilaalcha qaba. Itti fufee kan jiru mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa : Kan gochama Giriiki kan yeroowwanii fayyinaa fi fayyadama irra kan oole

Fayyinni bu’aa miti, walitti dhufeenya malee.Innis tokko kiristoosiin yeroo amanu kan xumuramu miti, ammallee jalqabuu isaa qofaan! Innis poolisii inshuuraansii balaa ibiddaa, yookiis milkaa’ina mootummaa waaqayyootti galuu, haa ta’u malee kiristoosiin fakkaachuudhaan jireenya guddatuudha. Ameerikaatti fakkeenya dubbii baratamee qabna, akkas kan jedhu, lama yeroo dheeraa hanga walii wajjin jiraata caalaatti walfakkaataa dhufu. Kana galmi fayyinaa!

**Fayyinni akka gocha xumurame (kan xumurame)**

- Hojii Ergamootaa 15:11
- Roomee 8:24
- 2 Ximootiwoos1:9
- Roomee 13:11 (kan umurame haala raajii wajjin waliin maka)

**Fayyinni akka ejjennoo argamuu (kan xumurame)**

- Efeesoon 2:5,8

**Fayyinni deemsa itti fufeenyaa akka qabu (kan ammaa)**

- I Qorontos 1:18,15:2,2 Qor 2:15, 1 Pheexiroos 3:21

**Fayyinni gara fuula duraatti akka qindaa’u (kan raajii yeroowwan gochamaan yookaan qabiyyee barreeffamaa)**

- Roomee 9:10,10:9,13,
- I Qorontos 3:15,5:5
- Filippisiyuus 1;28

- 1 Tasolonqee 5:8-9
- Ibiroota 1:14,9:28

- 1 pheexiroos 1:5,9

Kanaafis,fayyinni kan jalqabu ka'umsa murtii amantiiti (Yohaannis 1:12,3:16, Roomee 10:9-13), Haa ta'u malee kun dirqamatti itti fufuu kan qabu tooftaa jireenyaa kan ta'e adeemsa amantiiti ( Roomee 8:29, Galaatiyaa 3:19,Efesoon 1:4,2:10) innis guyyaa tokko ilaalchaan in qindeessina 1 Yohaannis 3:2). Kun ulfeessuu sadaarkaa dhumaa jedhama. Kunis ibsamuu kan danda'u akka

1. Ka'umsa ulfinaa – qajeeluu (adaba cubbuu irraa ooluu)
2. Fayyina itti fufeenya qabu – Qulqullaa'uu (humna cubbuu irraa oolu)
3. Fayyina dhumaa - ulfaachuu (argamuu cubbuu irraa oolu)

## I Qorontos 3:16-17

**[16]isin mana qulqullummaa Waaqayyo akka taatan, hafuurri Waaqayyo yoos isiin keessa buufatee akka jiru hin beektanii ree*? [17]Namni mana qulqullummaa Waaqayyo yoo balleesse, Waaqayyo immoo isa in balleessa; manni qulqullummaa Waaqayyo dhuguma qulqulluudha, innis isin.**

**3.16 "Mana qulqullummaa waaqayyoo akka taatan hin beektaniire"** "mana qulqullummaa" kan jedhu wajjin keewwata tokko hin qabu (jechuun, *naos*, giddu galeessa bakka waaqefannaa mataa isaa). "isin" kan jedhu maqa dhaala kan lakkofsa baay'ee yeroo ta'u "mana qulqullummaa" garuu kan lakkoofsa qeenxeeti,kanaafis,qabiyyee barreeffama kanaa "mana qulqullummaa" dirqamatti kan inni argisiisu waldaa kiristaanaa Qorontos hundumaati (II Qorontos 6:16, Efe 2;21-22) Kunis heedduu waldaa kiristaanaa kan hammatuudha.

Xiyyaafannoon amantii Yihuudotaa guddachaa kan dhufe waaqeffannaa mana qulqullummaa fi seera waaqeffannaa uummataati (Ermiyaas 7) Yaahiwwee irratti kan ta'u amantii dhuunfaa caalaa. Dhimmi isaa eessa yookaan yoom yookaan akkamitti akka waaqeffatamu miti, garuu tokko eenyu wajjin walitti dhufeenya akka godhuudha,Waaqayyo. Iyyesuus qaama isaa kan ilaallate akka mana Waaqayyootti (Yohaannis 2:21). Iyyesuus mana qulqullummaa Kakuu Moofaa irra in caala (Maatiwoos 12:6) gochaan Waaqayyoo mana qulqullaa'ee irraa gara qulqulla'e (jechuun, kan labsame, qulqulluu) qaama amantootatti ce'era. Gochaa waaqayyoo xiyyeefannoon isaa namoota biyya lafaa irra jiranidha! Qaami yesuus bakka ammaati waliigalas ta'e sadarkaa dhuunfaan.

▣ **"Hafuurri waaqayyoo isin keessa akka bulu"** "keessa buluu" gocha ammaa kan argisiisuudha. " Isin" kan lakkoofsa baay'eeti Kakuu Moofaatti kan mana qulqullummaa iddoo bultii Yaahiwwee addaa bakka ta'uu yaad rime,asitti Kakuu Haaraatti waldaa kiristaanaa iddoo bultii hafuura qulqulluu ta'uu ishee yaad rimee cinaan argisiisuudha.

Kan keessa bulu yaad rime waaqayyummaa Kakuu Haaraatti irra deddeebi'aadha. Sadanuu hundumtuu qaami sadan tokkoo amantoota keessa bula.

1. Haafurri qulqulluun (Yohaannis 14 :16-17, Roome 8:9,11, I Qorontos 3:16 ,6:19, 2 Ximootiwoos 1:14
2. Ilma (Maatiwoos 28:20, Yohaannis 14:20,23,15:4-5,Roomee 8:10 ,II Qorontos 13:5,Galaatiyaa 2:20, Efesoon 3:17,Qol 1:27)
3. Lachanuu abbaa fi ilmi (Yohannis 14:23 fi 2 Qor 6:16)

**3:17 "Eenyu illee mana qulqulluu waaqayyoo yoo diige waaqayyo isa diiga"** kun sadarkaa tokkofaa hima haalaati, innis dhugaan argisisuudha, Amantoon afaaraan hitaane hojii waldaa kiristanaa akka midhaniidha (jechuun, geggeesitoon ykn garewwan). Asitti cimsi jiru gochaa amanaa dhunfaa irratti. Kun fayyina isaan himiidhu, lakosaa 15, hata'u malee dursaa fi badhaasa isaaniiti. Dhunfumaan, jirenyaa ijamalee ta'e amantoon qabaatan caalaa kan nama gaddisissudha qabeenyaaf humnii isaan qaban dandeettii saaniiti. Wangeela beku, afuurichas qabu, hata'u male isaanis ta'e wadaan kiristaanaa gochaa isaanitiin himiidhamu. Bakka kanatti Luq 12:48 iyyee kan dubbatu! Sittis hindubataa?

*Phtheirō* (diiguu) jechii jedhuu Kakuu Haaraati fayyadama hedduu qabu.

1. Qaamaan balleesuu ykn gatuu (jechuun, kuduraaf muduraa totoore ykn foon ajaa'e, jecha halaatinis ta'e gatii dhabsiisu)
2. Haalaa qulqulummaatinisi balleesuu ykn gatuun (jechuun, dorgommii seeraa atileetotaa tokko cabsuu ykn qunamtii saalaa tokkon dogonguru)

3. Diiguu
    a. Qaamumma
    b. Afumma
    c. Barabarumma

Hikasaa kan murteesu achuma qabiyye barreefamichaa qofa. Asitti fayadamara kan olan gaalee walcinaati, hata'u malee tokkon tokkon gaalee hika walfakaataa qabachuun isaa qabatamaa miti, sababii isaa waldaan kiristaanaa isheen jalqabaa yammuu eramtu nama lamafa ta'uu isheeti. Jechi kun qabiyyeen barreefamchaa kan argisiisu kan fayanidha, garu amantoon bilchaatan isaanisi afuura qoqoodu fidani waldaan Qorontos akka higudanee godhan. Mataduree addaa 15:42 ilaali

Qabiyee barreefama kanaan "diguu" maal akka ta'e ibsuun rakisaadha (Mat 18:6, Luq 17:1-2, Rom 14:15, 1 Qor 5:5,8:11, 1 Ximo 1:20)

Dhimma mataduree kanaa iratti yammuu ta'u,anii dhuunfaa kotti jecha kanaa hi'aamanu (kanaaf jechii walqabataan) bifaa fudhatama qabuun fayadamara ooluu dada'a, kunis namoota badan badisa qaamaa (Fudge,The Fire That Consumes (kanjedhu, abidda)) garuu caalaadhumatti sammuun isaanii,Waqayyoo irraa barabaraan addaba'u(jechuun, abidda barabaraa, Dan 12:2, Mat 25:46, Hoj. Erg 24:15).

Akkasumas ta'u kanqabu Phahulos asitti kan eeree kaninni wajjin adeemuu1 Qor 5:5, fi 1Xim1:20 wajjin, achittis tokko tarkanfii seera waldaa kiristaana tokkummaa kessaa basuudha (garuu yeeroo hundumaa abidiifi kadhataan akka debi'u, qalbii didiirana hordofee).

▣ **'Mannii qulqulummaa Waaqayyo qulquluudhahoo, innis isiniidha"** kun yaadirimee gudunfamedha.lojika walqabataa isaa kanta'u, amantooti dhunfaan mana qulqulummaa Waaqayyoo ta'u isaaniiti (1 Qor 6:19). Amantooti kan wamaman qulqullummadhaaf (Mat 5:48, Eph 1:4).

## Mataduree addaa: Qulqulluu

I. Kakuu Mofaa

    A. Kadosh (BDB 872) jechi jedhuu hundeen jechiicha qabatama miti, tari kana'anota ta'u. ta'u kan qabumartaa'aan hunden (jechuun, kd) hiki isaa "qoqoduu"dha. Kunis ibsa madda bekameti "adda ba'u (adaa kana'anotaa irraa, Seer.Kes 7:6, 14:2,21, 26:19) ulfina Waqayyoo ttif."
    B. Innis kademuu argamuu Waqayyootti wajjin, wantootaan, bakkoota, yeroowwan, fi namoota. Innis seera uumamaa irratti hojirra hin'olle, garu seera ba'uu irratti, seera lewootaa irratti, fi seera lakkofsaa irratti kan baratamedha.
    C. Barrefami rajii (kessumatti, Isayaas fi Hosee) qamisaa wanti dura ture, garuu fuldurat bifa ol jejedheen hidhufu. Innis enyummaa Waqayyoo karaa agarsisu ta'a (Isayas 6:3). Waqayyoo qulqulludha. Maqaa isaa amala isaa kan bakka bu'an qulqulludha. Sabi isaaamala isaa biyya lafaa rakateef kan itti mul'isan amantoota (kakuu isaa amantidhaan haga abbomamanitti)
    D. Araara Waqayyotii fi jaalala yaadrimee barumsa Waqayyumma irraa, kakuu irraa, murtii qajelaa, fi amalli fayaduu kanarraa adda miti.falmiin bakka kanatti jiru Waqayyoo gara warra hinqulqullofnetti, kan kufan, namoota hamootata'u isaaniiti. Kee'eti aja'ibsisaan jira, Waqayyo akka "araraan kan guute" fi Waqayyo akka "qulqullu" gidutti Robert B. Girdlestone, Synonyms of the old Testament, (walfakachuun Kakuu Moofaa) fuula 112-113.

II. Kakuu Haaraa

    A. Barreesitootaa Kakuu Haaraa (Luqaas irraa kan hafe) yaada Ibirootaati, garuu kan Kone dhiibba Giriki qabu (jechuun, Saptuwajeenti). Innis hiika Girikii kakuu moofati malee Giriki duri seera barreefamaa, ilaalcha, yookaan jecha isaani kan to'atan miti.
    B. Yesus qulqulluu dha sababi isaa inni kan Waaqayyootii fi akka Waaqayyoo waan ta'ef (Luqaas 1:35, 4:34, Hojii ergamootaa 3:14, 4:27, 30). Inni tolaa fi qulqulludha (Hojii ergamoota 3:14, 22:14). Yesus qulqulluu dha, sababi isaa cubbuu waan qabaaneef (Yohannis 8:46, II Qorontos 5:21, Ibiroota 4:15, 7:26, 1 Pheexiros 1:19, 2:22, 1 Yohannis 3:5).
    C. Waaqayyo qulqulluu waan ta'eef ijoolleen isaas qulqulluu ta'uu qabu (Leewoota 11:44-45, 19:2, 20:7, 26, Maatihoos 5:48, 1 Pheexiroos 1:16). Yesus qulqulluu waan ta'eef, duuka buutuun isaas qulqulluu ta'uu qabu (Roomee 8:28-29, II Qorontos 3:18, Galaatiyaa 4:19, Efesoon 1:4, 1 Teessoollonqe 3:13, 4:3, 1 Pheexiroos 1:15). Amantoonni kan fayyan Kristoosiin fakkaachuudhaan akka tajaajilani dha (qulqulluummaa).

**I Qorontos 3:18-23**
**18Homtinu of hin sosobin! Namni isiin keessaa akka yaada biyya lafaa kanaatti ogeessa of se'uu yoo jiraate, dhuguma ogeessa ta'uudhaaf isa biyyi lafaa gowwaatti lakkaa'u ta'uutu isa irra jira*. 19Ogummaan biyya lafaa kanaa Waaqayyo biratti gowwuumaa dha. Caaffanni qulqulluulaa'aa, "Inni warra ogeessota haxxummaadhuma isaaniitiin isan in qaba*;" 20iddoo biraatti immoo, "Yaadaan qopheessuun warra ogessotaa akka waa'ee hin baafne gooftichi in beeka" in jedha*. 21Kanaafis homtinuu waan namoonni gochuu danda'aniin of hin jajin! Egaa waan hundinuu kan keessan; 22Phaawulos taanaan, Apholos taanaan, Keefaa taanaan, biyyi lafaa, jireenyi, duuni, wanti si'achi dhufu hundumti isaa kan keessan*. 23Isin immoo kan Kristos immoo kan Waaqayyoo ti.**

**3:18 "Namni kam iyyuu mataa isaa in goowomsin"** kun xiyaafataa ammaa ta'ee gaalee alta'aa gochama misiraachooti inni s yeroo hundummaa hiiki isaa duraan dursee adeemsa irraa kan jiruu gocha dhaabuu. Amantonni Qorontosiin turan tokko tokkoo, eenyummaa isaanitiin in boonuu turan, miseensa isaanitiin, geggeesitoota murta'aan wajjiin walitti hidhachuudhaan fi /yookaan beekumsa isaani adda ta'en.

"Dogogoruu" jechii jedhuu *apataō* boca isaa jabaateedha (Efesoon 5:6, 1 Ximootihos 2:14, Yaaqoob 1:26) ek kan jedhuu maxantuu duraa wajjin (Roomee 7:11, 16:8, 2 Tessoollonqee 2:3). Jechi kun *planaō* wajjin wal fakkaata (jechuun, jooruu, fincilluu, cinaan deemuu), innis fayadama irra kan oole tuqaa tokkoo kan qaban Wangeella (Synoptis), Yohannis kan barreesee fi Phaawulos (I Qorontos 6:9, 15:33 fi maxantuu I Qorontos 6:8). Mataa ofi dogogorsiisuun jireenya hafuura gaddisiisaa dha (Roomee 12:16, Galaatiyaa 6:3, 2 Ximootihos 3:13, 1 Yohannis 1:8). Phaawulos tarii fakkeenya 3:7 yookaan Isaayaas 5:21 yookaan immoo Ermiyaas 9:23-24 heere ta'u danda'a. baay'een geggeesitoota garee Qorontos mataa isaanittin kan bilchaatan abshaala of godhani yaaduu turan, garuu mata isaani of dogogorsuu turan.

▣ **"yo"** kun FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENCE dha. Waldaa Qorontositti baay'een mataa isaanitiin boonuu turan, yaadi hafuuraa isaanii yookaan kennaa hafuuraa isaani yookaan beekumsa isaani. Haali kuni booda irratti Ginostizizimi jedhamee kan waamamuu wal fakkaataa dha. Kara seenaatiin beekuun in danda'amu, jechuun Qorontos kanaan babal'achaa dhuftee turte ayyuun Girikii ilaalchi dhiibbaan ilaalchaa waan kufeef. Seerri ilaalcha kanaa (a radical dualism between spirit and matter) hanga jaarraa 2tti dosee guutuu in qabuu turee haa ta'uu malee inni faallaa waldaa Kristaanaa duri ilaalcha qaba ture.

▣ **"Isiin keessa tokko illee biyya lafaa kana irratti ogeessa waan ta'ee yoo itti fakkaatee"** kun kan argisiisusu inni/isheen beekumsa addaa yookaan hubannaa akka qabu kan itti fakkaatu dha. Waldaa kiristaanaatti olaantummaa akka qaban kan ibsan turan kunnis jireenya hafuuraa isaanitiin, beekuumsa, ejennoo gamtaa yookaan ayyummaa. Kun argisiisuu kan danda'uu 1:12, 3:5, 21 kan heeraman garee geggeesitootaa.

▣ **"Gowwaa ta'uu qaba"** kun AORIST MIDDLE (deponent) IMPERATIVE.. Wangeellii Waaqayyoo, Kristoos mataa isaa qofa ogummaa sirrin. Jechii kun fayyadama irra kan oole yeroo hundummaa "ogummaa biyya lafaa kanaa" ibsuudhaaf (1:18, 27 fi as irratti). Phaawulos akkasumas 4:10 irratti itti fayyadameera. Bifa ciigootiin amantoota Qorontosi wajjin kan wal qabatee, isaanis waa'ee ogummaa namaa kan ibsaanii fi kan olqaqaban. Mata duree addaa: jecha namoota gowwootaa 15:36 irratti ilaali.

**3:19 "Ogummaan biyya lafaa kanaa Waaqayyo duratti gowwumaa dha"** sababni kunta'ef, inni kan inni irratti hudaa'e, biyya lafaa, kan dangeefame beekumsa kufee ta'uu isaati (1:18, 21, 13, 25). "Gowwummaa" 1:25 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**3:19-20** kan itti fufani jiran xinnoo kan fooyya'an luqisiwwaan kan fudhataman Iyoobi 5:13 fi Faarfannaa 94:11 dha. "Ogeessa" jechi jedhuu II Qorontos 4:2 irratti qabsiisa guutuu jiru ilaali.

**3:21**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **Kanaafis eenyu iyyuu namaan of in jajin"** |
| **NKJV** | **"Kanaafis eenyu iyyuu namaan of in jajin"** |
| **NRSV** | **"Kanaafis eenyu iyyuu waa'ee geggeesitoota namaatiin of in jajin"** |
| **TEV** | **"Eenyu iyyuu kana booda waan namni godhuun of hin jajin"** |
| **NJB** | **"Kanaafis mucaa namaatiin of jajuun hin barbaachisu"** |

Kunnis Ermiyaas 9:23-24 kan heerame ta'a. of jajun namaa I Qorontos irratti yeroo baay'ee heerameera (1:29, 31, 3:21, 4:7 fi II Qorontos 5:12, 10:17, 11:12, 18, 30, 12:1, 5, 6,9). Mata duree addaa 5:6 ilaali. Innis Qorontositti rakkoo guddaa ture (kanaafis namootaan wali gala). Rakkinni kun baay'inaan kan wal qabatu waldaa kiristaana wajjin geggeesitoota muraasa caalaa, duuka buutuunis dirqama qabu. Sagaleen kunkutaan amantaa ammayyaa cimsaaf ofjaja fakaata (jechuun, ani kan Kaviin,, ani kan Wesiliiti,.. 4:6).

**3:21b-22** Phahulos cimisee kan jedhe wanti hudumtu (jechuun, akka Rom 8:38-39 tarrefama jiru wajjin malee kan walfakkatu) karaa kiristoos amantoota jiran ilaallata, lallabdoota tarrefaman dabalate. *Kosmos* jechi jedhuu (jechuun,biyya lafaa) asitti fayadama irra kan oolee bifa alta'aadhaan, duraa duuba uumama(LXX kan seera Uumama 1:31). Amantoon dhaaltuu hidhataati, waan hundumaa fi yeroo hundumaa, karaa Kiristoos(Rom 8:12-17). Mataa kee hindaangesin.

## MATA DUREE ADDAA: AKKAATAA ITTI PHAAWULOOS JECHA KOSMOS (BIYYA LAFAA) JEDHUTTI FAYYADAMU

Phaawuloos jecha kosmos jedhu karaa baay'eedhaan gargaarama

1. Wanta uumame hundumaa (cf. Rom. 1:20; Efe. 1:14; 1Qor. 3:22; 8:4, 5)
2. Lafa kana (cf. IIQor. 1:17; Efe. 1:10; Qol. 1:20; IXim. 1:15; 3:16; 6:7)
3. Namoota (cf. 1:27-28; Rom. 3:6, 19; 11:15; IIQor. 5:19; Qol. 1:6)
4. Namoota Waaqayyootti adda ba'anii jiraatan (cf. 1:20-21; 2:12; 3:19; 11:32; Gal. 4:3; Efe. 2:2; 12; Fil. 2:15; Qol. 2:8, 20-24). Kunis itti fayydama Yohaannisiin wal fakkaata (1Yoh. 2:15-17).
5. Bifa biyya lafaa har'aa (cf. 7:29-31; Gal. 6:14; Fil. 3:4-9 iddo itti Phaawuloos bifa Yihudootaa (jireenya isanaii) ibsuu wajjin wal fakkaata.

Karaa tokko tokko waan walfakkaataniif itti fayydama hundumaa toora qabxiisanii iddo garaa garaatti qooduun ulfaataadha. Akkuma warra barsiisa Phaawuloos keessatit mul'atan baay'ee isaanii jechi kun hiika dura lafa kaa'amuun utuu hin ta'in akka galumsa isaatti hiikamuu qaba. Dubbiin Phaawuloos wal qabaataa ture (cf. Jame's Stewart's A Man in Christ). Inni barsiisa amanti tokko lafa kaa'uu utuu hin ta'in Kiristoosiin labsaa ture. Inni waan hundumaa jijjiira!

**3:23 "Isinis kan Kiristoos"** "isin"cimsaaf kan lakkosa baayyeeti. Kanis Kiristoos olaantumman waldaakiristaanaa kessatti qabu agarsisa (1:29-31). Kuns immoo isaanis akka amantootaati ittigatamummaa isaan agarsiisa.

▣ **"Kiristoosis Waaqayyodha"** kun kan agarsisu Kiristoos fooniin Abbaadhaaf abbomamuu isaa agarsisa (11:3, 15:28). Dhimma qabiyyee kan miti (Yoh1:1-3), haala hojii malee. Waaqa sadan tokkoo (mataduree addaa 2:10irratti iaali) xiyaafataa gochaa.

**Gafillee mare**

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Lallaba kiristanummaa wajjin kan walqabate ananii fi nyaata jabaa garaagarmmaan isaa maali?
2. Kiristaanonni murtidhaaf Waaqayyo dura hin dhabatuu? Yoota'es, maalif?
3. Lakkofsa 10-15 kan ilaalate eenyuudha?
4. Lakkofsa 16 kan ilaalatuuamanaa dhunfadhaa? Ykn waligala waldaatii?
5. "Diiguu" jechi jedhu lakkofsa 17 maal jechudhaa lakkoofsa 25 wajjin akkamitti ademaa?
6. Kiristoos abbaf ajajamuun isaa, innisi lakkoofsa 23 fi 15:28 irratti ifatti kan taa'e, inni waqummaa miti jechuu isaatti?

# I Qorontos 4

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Tajaajila Ergamootaa | Soortuu dhoksaa Waaqayyoo | Tajaajiltootaa | Ergamtoota Kiristoos | Goollabbii (3:18-4:13) |
| 4:1-5 | 4:1-5 | 4:1-5 | 4:1-5 | 4:1-5 |
| | Kiristoosiif Gowwoota | | | |
| 4:6-13 | 4:6-13 | 4:6-7 | 4:6-7 | 4:6-13 |
| | | | 4:8-13 | |
| | | 4:8-13 | | |
| | Kunuunsa Phawuloos akk abbaatti | Akeekkachiisaa fi dheekkamuu abbummaa | | Iyyannnoo |
| 4:14-21 | 4:14-21 | 4:14-21 | 4:14-17 | 4:14-17 |
| | | | 4:18-21 | 4:18-21 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Kan boqonnaa 4 dhimmaa mataduree gabaabaa

A. Lakkofsa 1-5 murtii kiristaanaatiif akkatti murtaa'u kan ilaalatte dha.

B. Lakkoofsa 6-13 of jajoo geggeesitoota Qorontosi fi ergamoota dhugaa faallaa isaa argisiisa

C. Lakkofsa 14-21 Phaawulos aboo isaatiif kaayyoo deemsa isaa haala mormitootaan walin qabeetu ibsa.

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

## I Qorontos 4:1-5

**1Namoonni akka hojjetoota Kristositti, akka warra hojii dhokaa Waaqayyoo adeemsisuun itti kennameetti,**
**nu lakka'uun in ta'a*. 2Warra hojii adeemsisan irraa immoo amanamummaatu barbaadama*. 3Inni isin**
**anatti faraddan yookiis inni yaa'iin namaa anatti faradu, anaaf homaa miti, anis ofii kootti iyyuu hin**
**faradu. 4Ani waan tokko iyyuu of irratti hin qeeqqadhu; garuu kanaan, "yakka hin qabu jedhamee anaaf**
**faradame" jechuu koo miti, gooftaatu anatti farada jechuu koo ti malee*. 5Kanaafis yeroon utuu hin ga'in,**

**gooftaan utuu hin dhufin isin hin faradinaa! Innoo waan dukkana keessa dhokatee jiru ifatti, yaada garaa namaas bakkeetti in baasa; gaafaas adduma addaan Waaqayyo biraa galata argachuuf jiru*.**

**4:1 "Akkasuma namoonni nuun bifa kanaan nu haa ilaalan"** kun kan ammaa giddu galleessa (gargaartuu) xiyaafataa dha. Amantoonni dirqamatti ejjeennoo geggeesitootaa qorachuu yookaan madaalli keessa galchuutu irra jiraata. Geggeesummaa mootummaa Waaqayyoo, tajaajiltummaa/soortuu (Maariqos 10:42-44). Kan Phaawulos xin-waaqummaa jecha Yesus kan hordofeedha.

▣ **"Tajaajiloota Kristoos"** itti fufee kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: Geggeesummaa Tajaajiltummaa

Geggeesitootni Waaqayyoo kennaa waldaa kristaanaati (Efesoon 4:11), garuu isaan amma iyyuu tajaajiloota, itti gaafatamaa utuu hin ta'in! Phaawulos jecha baay'ee fayyadameera, tajaajilaa/soortuu yaad-rimee ibsuudhaaf, ergaa Qorontos keessatti.

1. Gargaarsa mana keessaa 1 irratti, "kosi kaasuuf"
   a. *diakonos*, 1Qoro 3:5, 2Qoro 3:6, 6:4, 11:15 (al lama), 23
   b. *diakonia*,1Qoro 16:15, 2Qoro 3:7, 8, 9 (al lama) 4:1, 5:18, 6:3, 8:4, 9:1, 13, 11:8
   c. *dialoneō*, 2Qoro 3:3
2. Tajaajilaa yookaan gargaartuu, *hupē retēs* (Kakuu Haaraatti baay'een tajaahiloota adda addaa fayyadama irra oolera) 1Qoro 4:1
3. Garba (tokko horii nama biraa kan ta'e kan biraatiin kan ajajamu)
   a. *doulos*, 1Qoro 1:21, 22 (al lama), 23, 2Qoro 4:5
   b. *douloō*, 1Qoro 9:10
4. Hidhata hojii, kennituu gargaarsaa (walin makaa SUN+hojeetaa), SUNERGOS 2 Qoro 1:24
5. Dhi'eesituu (caalaatti farfaatoota horiidhaan kan gargaaru)
   a. *chorēgeō*,2Qoro 9:10
   b. *epichorēgeō* ,2Qoro 9:10
6. Tajaajilaa (saptuwajeentiidhaan fayyadama irra kan oole, Yooseef Phooxifaaraadhaaf, Iyyaasuun Museedhaaf, Saamu'eel Eelliidhaaf, Abiisaa Daawiitii fi leewwooti Israa'eliif (*leitourgia*,, jechuun, saptuwajeentiidhaan maqaa wali galaa tajaajilaa 2 Qoro 9:12) jecha kanaan kan argisiisaan Phaawulos waa'ee tajaajilaa hubannoo inni qabuu dha. Amantoonni kan Kristoositi. Kristoos kan biraa akka tajaajillee (Maariqoos 10:45) amantoonnis kan biraa tajaajilu (1 Yohannis 3:16). Geggeesumaan waldaa kiristaanaa geggeessummaa tajaajilaati (Maatihos 20:20-28, Maariqos 10:32-45, Luqaas 22:4-27). Of jaji kun, of tuultoota qoqodooti kun raawwatanii Wangeella hin hubannee akkasumas tajaajila Yesusiif laphee isaa giddu galleessa godhachuu hin dandeenye.

▣ **"Soortoota"** kun jecha Girikii wal makaadha, "mana irraa" fi "seera". Innis mana/qabeenyaa kan bulchuu fi abbaa manaatiif itti gaafatamaa kan ta'ee dha (jechuun, Maatihos irra jechi jiruu 25:14-46, Luqaas 16:1 yaad-rimeen isaa "ramadamuu" "wanta tokkoof kan murtaa'ee"). Kun Wangeellaaf cimsa amanamummaa kennu dha, itti gaafatamummaa irratti (lakk.2, 4:1, 9:17, Qolasayis 1:25, 1 Tesolonqee 2:4, Tiitoo 1:7, 1 Pheexiroos 4:10). Waaqayyoo soortoota irratti in farada inni lakk.4, 5, 3:13). Akkam kan jiruu carraa sodaachisaa fi dirqamaa dha!

▣ **"Dhoksaawwaan Waaqayyoo"** jechi kun karaa adda addaatiin Phaawulosiin fayyadama irra oolera. Dursa kan ta'u amansiisaa ta'u kan danda'uu, Waaqayyoo Yihudaa fi ormoota karaa Kristoos wali galchiisee gara maatii tokkootti fiduu isaati, akkasumas Uumama 3:15 fi 12:3 raawwachu. Mata duree addaa dhoksaa 2:1 ilaali.

▣ **"Akkasumas tokkoo amanamaa ta'ee akka argamu"** maxantuun kun Pistos dha. Yesus tajaajilaa isa amanamaa yaad-rimee Maatihos 24:45, 25:21, 23 irratti fayyadameera!

## Mata duree addaa: **Amantii (PISTIS [Maqaa], PISTEUō, [gochima], PISTOS [Addeessa])**

A. Jechi kun Macaafa qulqulluu keessatti baay'ee jecha murteessadha (Ibiroota 11:1, 6 wajjin wal madaalchisi). Jechi kun kan Yesus lallaba jalqabaa giddu galleessa qabannoo ture (Maariqos 1:15 ilaalaa).
B. Yoo xinnaate jecha kakuu lama dirqama qaba qalbi jijjirannaadhaa fi amantii (1:15, Hoji ergamoota 3:16,

9, 10:21 wajjin wal madaalchisi)

C. Hundee gochama jechichaati

1. Kakuu Moofaatti jechi kun hiiki amansiisaan kan inni qabu, amansiisaa kan jedhuu yeroo ta'uu, amala Waaqayyo malee amala ijoollee namaa hin argisiisu.
2. Jechi kun kan dhufee Ibiroota irraa (*emun, emunah,* BDB 53), kan jedhuu yeroo ta'u hiiki isaas "mirkaneefachuu yookaan beekuu" jechudha. Amanti nama fayyisu sammuu nama tokkoo (dhugicha fudhachuu) jireenya namuusaa (haala jireenyaa) fi caaalaatti walitti hidhachuu (fudhachuu) fi fedhaan kennamuu (murtii) qabata.

D. Fayyadama jecha Kakuu Moofaa

Amantiin Abiraahaam waa'ee isa fuulduraa Mashii utuu hin ta'in muca akka qabaatuuf sanyiin isaa akka baay'atuuf ta'uu isaa cimsa kennuun isaa barbaachisaa dha (Uumama 12:2, 15:2-5, 17:4-8, 18:14 wal bira qabaa). Abirahaam kakuun isaa galameef Waaqayyotti amane. Sana boodas yoo ta'ee waa'ee sagallee abdii isaa mamiidhaa fi rakkinni tokko tokkoo tureera. Kakuun kunnis raawwii argachuuf waggaa sodoma fudhateera. Amantii isaa guutuu hin taane Waaaqayyo biratti fudhatama argateera. Amantiidhaan isaa fi sagallee abdii isaatiif deebii kan kennee mataa isaatiin dhaabachuu nama hin dandeenyee wajjin Waaqayyo hojjechuudhaaf fedha qaba, kana jechuun amma illee amma ija sanaaficaa yoo ta'e jechuu dha (Maatihos 17:20).

E. Fayyadama jecha kakuu haara

*pisteuō* kan jedhuu jechii Girikii "amanuu" "amantii" jedhamee hiikamu danda'a. Fakkeenyaaf qabiyyeen maqaa jecha kanaa Wangeella Yohannis keessatti hin argamuu, haa ta'uu malee Yohannis kan fayyadmee qabiyyee jecha gochamaati. 1 Yohannis 2:23-25 sabichi Yesus nama Nazireeti Masihii ta'uu isaa fudhachuuf akka rakkatan in argisiisa. Fayyadamni aboo jecha kanaa fakkeenya Yohannis 8:31:59 fi Hojii ergamota 9:13, 18:24 irratti ilaalun in danda'ama. Amaniin macaafa qulqulluu inni dhugaan amantii kan jalqabaa deebii kennuu irra in darbu. Adeemsa duuka buutummaa degeramuu qaba (Maatihos 13:20-22, 31-32 kan isaan jedhan).

F. Waligaa wajjin jechichi yeroo dhufuu

1. *Eis* kan jedhuu walingaa Girikii hiiki isaa "be" kan jedhuu dha. Jechi kun amanuu kan jedhuu jecha Girikii wajjin yeroo dhufuu hiiki isaa Yesusitti amanuu argisiisa.
   a. Maqaa isaatiin (Yohannis 1:12, 2:23, 3:18 fi 1 Yohannis 5:13)
   b. Isaan (Yohannis 2:11, 3:15, 4:39, 6:40, 7:5, 31, 39, 48, 8:30, 9:36, 10:42, 11:45, 48, 17:37, Maatihos 18:6, Hoji ergamoota 10:43, Filliphus 1:29, 1 Pheexiroos 1:8).
   c. Anaan (Yohannis 6:35, 7:38, 11:25, 26, 12:44, 46, 14:1, 12, 16:9, 17:20)
   d. Ilma isaatiin (Yohannis 3:36, 9:35, 1 Yohannis 5:10)
   e. Yesuusiin (Yohannis 12:1, Hoji ergamoota 19:4, Galaatiyaa 2:16)
   f. I[faan] (Yohannis 12:36)
   g. Waaqayyoodhaan (Yohannis 14:1)
2. *En* Iin kan jedhuu walingaa Girikii "keessa" hiika jedhu qaba Yohannis 3:15, Maariqoos 1:15, Hojii ergamoota 5:14
3. *Epi* Ipii kan jedhu walingaa Girikiiti "isaan" hiika jedhuu qaba. Maatihos 27:42, Hojii ergamootaa 9:42, 11:17, 16:31, Roomee 4:5, 24, 9:33, 10:11, 1 Ximootihos 1:16, 1 Pheexiroos 2:6
4. Oli waligii yeroo dhufuu Galaatiyaa 3:6, Hojii ergamootaa 18:8, 27:25, 1 Yohannis 3:23, 5:10
5. *hoti,*hoti walinga Girikii kan argisiisuu kan jedhuu "sababa" yeroo ta'uu maal akka amanan ibsa.
   a. Yesus waaqa qulqulluu akka ta'ee (Yohannis 6:69)
   b. Yesus ana ana akka ta'ee (Yohannis 8:24)
   c. Yesus abbaa keessa akka jiruu akkasumas abbaan isa keessa akka jiru (Yohannis 10:38)
   d. Yesus Masihii akka ta'e (Yohannis 11:27, 20:31)
   e. Yesus mucaa Waaqayyoo akka ta'e (Yohannis 11:27, 20:31)
   f. Yesus abbaadhaan akka ergamee (Yohannis 11:42, 17:8, 21)
   g. Yesus abbaa wajjin kan turee ta'u isaa (Yohannis 14:10-11)
   h. Yesus abbaa wajjin dhufuusaa (Yohannis 16:27, 30)
   i. Yesus jecha abbaa maqaa kakuu wajjin isa wal fakkeessera "ana ana" (Yohannis 8:24, 13:19)
   j. Isaa wajjin in jiraanna (Roomee 6:8)
   k. Yesusu du'ee du'a mo'ee ka'uu isaa (1 Tesolonqee 4:1

**4:3 "Haa ta'uu malee ani isiniin yoon qoramee baay'ee xiqqoodha"** Phaawulos gareen murtaa'aan waraansa dhuunfaa irratti raawwataamaa ture (jechuun, Kristoosiin da'iima, 3:1 yookaan akkasuma immoo momitoota Yihudoota Galaatiyaa akka jiran kan akka Yihudoota) Qorontositi. Tilmaami isaani ergamummaa isaa irratti dhimma isaani guddaa hin ture (akkasumas baay'ee miidhama ture). Inni dirqisiifamaa kan turee namooti akkamitiin wangeellaaf waldaa kiristaanaa ilaalaa akka turaniidha (8:13, 9:19-23, 10:23, 33, 2 Qoro 4:2, 5:11, Roomee 14:1-15, 13).

**"Yookaan kammin iyyuu dandeeti namaa"** kun akkuma jirutti "jecha namaa" jechuudha. Innis kan namaa mana murtii namuusa isaa argisiisaa akkuma 3:13 guyyaa dhummaa "Waaqayyummaa" naamuusi mana murtii akka argisiisuuti (1:8, 5:5). 4:3 *sarkinois* (jechuun, 3:1 amantoota hin bilchaane) gaaleen kun akka argisuutti *psuchikos* (jechuun hafuura malee kan ta'an namootaa uumamaa) 2:14 irratti kan jiru ilaali.

▣ **"An mataa koo irratti illee hin faradu"** kun kan cimuu fi tokkoo haala hafuuraatiin karaa sirri qoru argisiisa. Amantootni yeroo baay'ee mataa isaanii irratti baay'ee rakkatanii nama biraa irrati salphaadha jedhu. Nuttis yeroo hundummaa mataa keenya namoota biro wajjin wal dorgomsiifna (2 Qor 10:12-18). Waaqayyo akka murtii kennu hiyyamuutu nura jira (lakk.5). Inni isa guddaa fi waan naannoo keenyaa beeka (1 Saamu'e 16:7, 1 Moototaa 8:39, 1 Qoro 28:9, Ermiyaas 17:10, Luqaas 16:15, Hojii ergamoota 1:24).

**4:4 "Mataa koo irratti tokko illee hin beeku"** Phaawulos jijjiramuu isaa fuula dura seera Musee wajjin walitti dhuufenyi inni qabaacha ture kan hubatuu bifa kanaan ture (Hojii ergamoota 23:1, Filliphuus 3:5-6). Hafuurri qulqulluun hinaafa isaa ibseef (Roomee 7:7) akkasumas Phaawulos cubbuu isaa beekee Kristoos qofaan Waaqayyof deebbii kenne (Roomee 3:18-26). Innis ayyana kana qabaate akka soortuutti tajaajila. Itti gaafatamummaa ayyana tola sortumma ayaawoo (phaaraadokisi), sammuu ngaa qaba ture, haata'u malee murtii Waqummaa qofa raawwii yoomifi essaa qorannoo sirrii badhaasa godha!

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"bilisa ta'uu"** |
| **NKJV** | **"tolaa kan ta'e"** |
| **TEV** | **"ququlluu"** |
| **NJB** | **"qajeeluu"** |

Kun kan xumuramee hojirra kan oolee kan agarsisu. Innis sera qabesa jecha ogummaa ta'ee tokkoo badii wajjin kan walqabatee kocha irraa walaba yota'edha (Rom 3:24). Innis kara barumsa Waqayyummaa "mudaa hin qabu" kan jedhu wajjinni walfakkata, Rom 8:1 akkasumas Rom 8:31-35 seeraa qabesa qabiyee barfamaa wajjin. Hiikii qabiyyee kanaa, Phawulos murittii waqayyummaa irraa bilisa akkaa hintaaneedha (2 Qor 5:10) sammun isaa qulqulluu ta'uu qofaan.

▣ **"Anatti kan murtessu garuu Goftaadha"** tikisoonnii waa'ee amanaamummaa isaanii deebii laatu (lakkofsa 2, 3:11 2 Qor 5:10, 10:18).

**4:5**

| | |
|---|---|
| **NASB,NKJV** | |
| **NRSV** | **"kanaafis"** |
| **TEV** | **"kanaafis"** |
| **NJB** | **"sababa kanaaf"** |

Kun ibsa Phawulos dhimma mata dure kan irratti gudunfaa dha, innis kan hibilichaati qorannoo wajjin kan walqabate ajaja.

▣ **"Utuu yeroon hin ga'in mirtii hinlaatina"** kun kan ammaa gocharatti kan xiyaafatudha gocha alta'aa wajjin, innis yeroo hundumaa hikisaa duraan dursee ademsa irrattigochaa ture dhaabudha (Matt 7:1-5). Isaan gareen qoqoodun ykn barsiisota sobduu wajjin kan michooman Phawulos daraandursee irratti murtesera. Phawulos dirqamattii baroota gidduuti kan ceepha'a baayyeen Qorontosin turaniiru (II Qorontos 10-12).

▣ **"Isaanis isa dhokateef dukkana kessa kanjiru gara ifaatti kan baasu"** amantooti illee waa'ee laphee isaanii, karoora, fi halaaf debii hinlaatu (3:13, Yoh 3:17-21, 2 Qor 5:10Rom 2:16) hata'u malee Waaqayyo

hagalatefamu, cubbuu isaani miti! Phawulos jecha wal fakkataa kan "wantoota dhokatan" (krupta) yeroo bayyee itti fayadamera.

1 Rom2:6- "kan namotaa watoota dhokatan"
2 1Qor 4:26- "kan dukkan watoota dhokatan"
3 1Qor 14:25- "laphee kessa wantoota dhokatan"
4 2Qor 4:2- "kan dhokatan wantoota sodaachisoo"

▣ **"Kanaafisi laphee nama kessa awaan jiru hinmullisa"** kun murtessdha. Sababa kantiif Waaqayyo qofti murtii qajeelaa kan laatu. Amantoonnii waan hibatanqofaan ittigaafatamummaa kan fudhatan, hata'u malee yeroo hundumaa haala isaanii tifi yaada laphee isaanitti itti gaafatumummaatu irrajira. Amanamummaan hinbadhaasisa (3:8,14,15), amanamummaa dhabuun itti fachiisa (3:16-17)

Mata duree addaa: laphee 14:25 irratti ilaali.

▣ **"Kanaafis galatii isaa tokkoo Waaqayyo biraa ta'a"** kun qabatam irra dedeebi'amedha (Iyob 34:11 Farsaa 62:12, Lalab 12:14. Erm 17:10, Mat 16:27, 25:31-40, Rom 2:16 14:12, 1 Qor 3:8, 2 5:10, 1 Phe. 1:17, Mul. 2:23, 20:12, 22:12) Galatiya 6:7 qajelfama irratti hunda;un.

## I Qorontos 4:6-7

**6Yaa obboloota ko! Ammas isiniif jedhee kana hundumaa Apholosii fi ofii kootti fakkeessee dubbadheera; jcha isa, "Wanta caaffanni qulqullaa'aan jedhu gararraa hin darbinaa!" jedhamee isin gidduutti beekame nu irratti akka ilaaltaniif, nama tokkoonis isa kaan irratti akka isin of hin janyeenefan nu lamaan fakkeenya godhe*. 7Warra kaan irratti immoo eenyutu caalmaa siif kenne? Waan Waaqayyo siif hin kenning maalfaa qabda ree? Isa irraa fudhatte erga ta'ee immoo, maaliif akka waan kennaa hin ta'initti ittiin of jajja ree*?**

**4:6**
**NASB** **"Anis jecha dhokkataadhaan waa'ee kootii fi waa'ee Phaawulos nan dubbadhe"**
**NKJV** **"Bifa jecha haalaatiin kan darbe"**
**NRSV, TEV**
**NJB** **"Kan godhame"**

Jechi Giriki "dubbii haalaatiin kan godhame" (jechuun, *meteschēmatisa* innis kan gocha ammaa argisiisuudha). Barreefama qabiyyee kanaatiin hiikuun rakkisaa dha. Barreefama birootiin, Filliphus 3:21 Hiiki yeroo amma "ce'uu" fi 2 Qoro 11:13-15 hiika sagallee giddu galleessaa "golguu" dha. Yaadi hunde qabeessi kan murta'aan wantoonni isa cinaan garee tokko irraa gara garee biraatti darbuu dha. Phaawulos mataa isaatiif Aphilosiin geggeesitoota hundumaa fakkeenya godhe dhi'eesseera.

▣

**NASB** **"Kan barreefamee keessaa in ba'in kan jedhuu nurra akka barrataniif"**
**NKJV** **"Waan barreefamee keessa ba'aani yaaduu dhiisuu nurraa barradhaa"**
**NRSV** **"Kan barrefame irra in darbin kan jedhuu jechama hiikaa karaa keenya akka barrataniif"**
**TEV** **"Seera ta'u akka hubatan"**
**NJB** **"Kan barreefamee ala tokkoo illee darbuu dhiisu"**

"Barreefameera" gaaleen jedhuu kakuu haara keessatti deddeebi'ee fayadama irra ooleera, luqisin Kakuu Moofaa argisiisuudhaaf. Asitti fakkeenya baay'ee beekamee kan beeksiisuu fakkaata. Hiiki yaadamu qaban

1. Kakuu Moofaa irraa luqissi ta'ee beeksiisuu (1:19, 31, 3:19)
2. Gareen Qorontos dhaadannoo dhaabaa tokkoo
3. "Seera ta'uu hubachuuf" (jechuun, amantoonni dirqamatti qabachuu kan qaban sagallee isaatiif bitamuu dha.
    a. Keessumatti Phaawulos boqonnaa 1-3tti kan inni here
    b. Sagallicha keessa ba'uu dhiisuun, tokko tokkoo barsiisoti sobduun Yihudoota

▣

**NASB** **"Kanaafis eenyuun yoo taatani iyyuu walaaloo akka in taaneef tokko tokko irraa"**
**NKJV** **"Eenyu iyyuu akka of in jajne tokko tokkoon"**
**SRSV** **"Kanaafis eenyu keessanu akka of hin jajne tokko tokko irratti"**
**TEV** **"Eenyu keessan yoo taatani iyyuu tokko irratti of jajuudhaan kan biraa akka hin tufane"**
**NJB** **"Isin gidduu dhaa namni tokkoo iyyuu bu'a mataa isaa qofa ilaale akka wal hin dorgomsiifne, kan biraaf miidhaa akka hin taane"**

Jechi Girikii *phusioō* hiiki isaa inni guddaan wanta tokkoo ol ol qabuu yookaan of tuulu dha (jechuun, Robbert Son, Word pictures in the New Testament, (fakkiin jechootaa Kakuu Haaraati) fuula 105, fi Vincent, qayyabbannaa jechaa fuula 766 phusa- iyya). Innis kiristaanaan barreefama fayadama irra oola jiruu dha (tarii Phaawulos kan jalqabee) dubbi haalaatiin of tuulummaadhaa fi hundumaa beeka jechuu dha. Kun rakkina guddaa hafuuraa ture, waldaa kiristaanaa Qorontosiif. Phaawulos jecha kana 1 Qoro 4:6, 18, 19, 5:2, 8:1, 13:4 fi tarreefama cubbuu keessa I Qorontos 12:20 innis ergaa Qorontosii ala fayadama irr kan oolee kakuu haaratti Qolasi'aas 2:18 irratti, achitis ilaalchi Ginoostiki beekumsa addaa heera.

Amantooti beeka jechuu kootiin barsisoota murtaa'aan kan biraa irratti fillatamoo ta'uu in danda'an. Labsi himtooni dirqamatti murteessu kan qaban qabiyyee addaa isaani irratti (1 Yohannis 4:1-6) fi tooftaa jireenya isaaniitiin (Maatihos 7:1) dha malee dhi'eenya isaanitiin ta'u hin qabu (ta'uu baatee immoo argamuu isaanitiin, yookiis fillannoo isaanitiin, yookiis mataa isaanitiin godhanii geggeesitoota isaan fudhatan (jechuun, kutaa amantaa).

**4:7**

**NASB** **"Akka caaltaniiti kan isin lakkaa'u eenyu"**
**NKJV** **"Isin kan biraa irraa adda akka taatan kan isin godhee eenyu"**
**NRSV** **"Isin keessatti wantoota bifa adda ta'een kan ilaale eenyu"**
**TEV** **"Isiniin kan biraa irratti olaanaa kan isiin godhee eenyu"**
**NJB** **"Isiniin baay'ee barbaadamoo godhee eenyu"**

"Ati" kan jedhuu maqadhaalaa fi gochamichi kan lakkofsa qeenxeti, lakk.7 irratti, garuu inni ammas "eenyuu iyyuu" kan jedhuu qabiyyee barreefamaati. Kan lakk. Baay'ee "isin" lakk. 8 irratti itti fufa.

Jechi wal makaan Girikii *iakrinō* yeroo hundumaa fayadama irra kan oolu I Qorontosiif bifa adda addaatiin.

1. Caalummaa filuu yookaan mirkaneessuu (4:7)
2. Murteessuu (6:5)
3. Garaagarummaa gochuu (11:29)
4. Qoruu (11:31, 14:29)
5. Beekamtii laachuu (*diakrisis*,boca maqaa, 12:10)

Kan wajjin deemuu wal makee *anakrinō* fayadama irra kan oole 2:15 (lamata) 4:3, 4 fi 14:24. Sirri kan ta'e adeemsi qorannoo amantootaa fi geggeesitoota giddutti geggeesitootaa fi geggeesitoota giddutti walda Qorontosiif murteessa dha.

Gaaffiin kun/deebbii dhi'annaa barumsaa Phaawulos kan ta'ee "jecha cimaa" kan jedhuun kan beekamee tooftaa ta'ee dha. Innis Kakuu Moofaatii kan barratamee dha (Milkiyaas) fi tooftaa barsosoota. Phaawulos garee geggeesitoota of jajoo (tarii waldaa kiristaanaa manaa) kan dubbatu fakkaata.

▣ **"Kan ati hin fudhanne maaltuu jira"** Phaawulos isaan geggeesitoota of jaoo kana kan inni isaan yaaadachiisuu, isaan dhugaa kan madisiisaan yookaan kan argatan kan hin taanee dha, haa ta'uu malee tajaajila biro kan fudhatan male.

▣ **"Akka"** kun sadarkaa tokkoo hima haalaati, innis haala ilaalcha barreesichaatiin sirri akka ta'ee kan tilmaamamu yookaan kaayyoo barreefamaa isaatiin. Kun sada gaaffii seenaati lakk.7. geggeesitooti tokko tokkoo fi duuka buutonni isaani dhugaa isaan labsan madda akka ta'ee godhani in odeessu turan. Rakkinni Qorontos kan biroon of jaja namummaa ture (1:29, 31, 3:21, 4:7, 13:4). 5:6 irratti kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## IQorontos 4:8-13

**8 Ammas isin guuttattanittu! Sooromtaniittuu! Nuyi malee, isin dur mootota taatan! Nuyis isinii wajjin**

**mootota akka taanutti, utuu dhuguma mootota taatanii iyyuu nan jaalladhan ture*. [9]Akka anatti fakkaatutti garuu, Waaqayyo nuun ergamoota, akka warra tuuta namootaa keessatti ajjeefamuun itii faradameetti namaa gad nu godhe; nuyi ergamoota waaqa irraa fi namoota biyya laafaafis ilaalchaaf taaneerra*. [10]Nuyi sababii Kristosiin ogeessota, nuyi dadhaboo dha, isin garuu jaboo dha, nuyi tuffatamoo dha, isin garu jajamoo dha*. [11]Hamma ammaatti nuyi in beelofna, in dheebonnas, moofaa uffanna, in reebamna, hojiidhaafis asi fi achi in joorra*. [12]Harka keenyaan hojjeechuudhaan itti dadhabna; yeroo nu abaaran in eebbifna, yeroo nu ari'atanis obsaan in dandeenya*. [13]yeroo nu arrabsanis deebii gaarii in deebifna; nuyii kosii biyya lafaa taaneerra, ammas nuyi saphaphuu lafaa ti*.**

**4:8-13** kun ciggoo naasisaa dha!

**4:8**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"isin durumaaniyuu quftanittu"** |
| **NKJV** | **"isin durumaaniyuu quftanittu"** |
| **NRSV** | **"dumaaniyuu isin waan barbaadan hudumaa qabdu"** |
| **TEV** | **"waan isin barbachisu hundumaa qabdu"** |
| **NJB** | **"waan hundumaa qabdu"** |

"Isin" kan jedhu maqadhaala kan lakkofsa baayyeeti lakkofsa 8, 10 irratti. Kun "quuftanitu" jechi jedhu yeroo hundumaa fayyadama irra kan oolu quufa foonitif (Hojii ergamootaa 27:38), haa ta'uu malee asitti jecha haalaati (Maatihos 5:6) of jajuu hafuura. Lakk.8 gaafiin sadii ta'uu danda'a (TEV, TEV) yookaan labsii sadii (NASB, NASB, NKJV, NKJV, RSV fi REB). Isaan kana duraa duubaan kan ta'an dubbiin ciiggoo labsiin yookaan gaaffoolleen geggeesitoonni garee Qorontos of jajaaf kan saaxile. Isaan akka ga'anitti yaadaniiru (yookaan, hojii irra kan oole kan xumuramee qabatamaa kan hin taane). Phaawulos akka qabaatan isaaniif hawweera, dhugaa garuu miti, gochi isaani sadarkaa bilchina isaani mul'isa (jechuun, Kristoositti xophee).

▣ **"Mootota…bittaa"** Phaawulos kan xumura yaada sammuu fayyadameera, boqu-jabummaa geggeesitootaa dandeeti sochoosuudhaaf. Kristoosin amantoonni hundumtuu mooticha Yesus wajjin bitu garuu, deebi'ee dhufuu isaa booda qofa. Geggeesitootni kun mataa isaani durrumaan iyyuu akka bitanitti of lakkaa'u, hasaa hafuuraatiin.

**4:9 "Waaqayyo nuni ergamoota hunduma irra isa dhumaa nu godheera, akka nama du'i itti farradameeti"** lakk.kun mo'icha lola Roomee irraa kan fudhatamee kan argisiisuu dha (Qolasi'aas 2:15), isaanis kan komataman hidhamtoonni (jechuun, booda irratti yeroo hundumaa dirree Room irratti kan ajeefaman 15:32) isaanis mo'icha loltuu Roomee dhuma irratti kan dhi'aatanii dha.

## MATA DUREE ADDAA: Ergamuu (*APOSTELLŌ*)

Inni kun "erguu"dhaaf jecha baratamaa Giriikiiti (i.e *apostellō*). Jechi kun itti fayyadama ti'oolojii danuu ni qaba.

1. Rabbiiwwan isa akka isa tokko waame fi erge akka abbaa aangoo bakka bu'aa kan biraa, isa akka Afaan Oromoo keenyaa "ambaasaaddara/lammii" jennuu itti waa'ee ba'aniiru (cf. 2Qor. 5:20).
2. Wangeelonni yeruma hundaa jcha Abbaadhaan ergamuu Yesuus kana itti ni fayyadamu. Yohaannis keessatti jechichi ilaalcha Masihummaa kallattiidhaan hin ibsamne irratti walii ni gala (cf. mat. 10:40; 15:24; Mar. 9:37; Luq. 9:48 fi keessattuu Yoh. 4:34; 5:24,30,37,38; 6:29,38,39,40,57: 7:29; 8:42; 10:36; 11:42; 17:42; 17:3,8,18,21,23,25; 20:21). Inni Yesuus amantoota erguuf ni fayyada (cf. Yoh. 17:18; 20:21).
3. Kakuu Moofaa isa ergamootaaf itti fayyadame
    a. Kudha lamina ergamoota jalqabaa naannoo (cf. Luq. 6:13, HoE 1:21-22)
    b. Gartuuwwan addaa gargartota Ergamummaa fi gartota hojjettootaa
        (1) Barnaabaas (cf. HoE 14:4,14)
        (2) Andronikosii fi Yuniyaas (KJV, Yuniya, cf. Rom 16:7)
        (3) Aphoolos (cf. 1Qor. 4:6-9)
        (4) Yaaqoob obboleessa Gooftaa (cf. Gal. 1:19)

(5) Silvanas fi ximotewos (cf. Tas. 2:6)
(6) Tiitoo ta'uu danda'a (cf. 2Qor. 8:23)
(7) Ephafrodixosi ta'uu danda'a (cf. Fil. 2:25)

Kennaa waldaa keessatti itti fufeenya qabu. Waaqayyoon akka bakka bu'aa Kiristoositti isaa kenneetti aangoo kana ofii isaatiifni fayyadama. (cf. Rom. 1:10, 1Qor. 1:1; 2Qor. 1:1 Gal. 1:1 Efe. 1:1; 1Xim. 1:1, 2Xim. 1:1; Tit. 1:1)

▣ **"Kan biyya lafaatiif isa dhumaa ta'aniiru, lamanuuf, ergamadhaafiis namootaafiis"** Phaawulos kan heeru Wangeella lallabuun hojii rakkisaa dha (2 Qoro 4:7-12, 6:3-10, 11:23-30).

"Ergamootaaf" gaaleen jedhuu tarii Efesoon 2:7, 3:10 wajjin wal qabata ta'a. waaqayyoo mataa isaa ergamoota lafaatiif mul'iseera. Namootaaf hojii hojjeetten (1Pheexiroos 1:12).

**4:10 "Nuyi waa'ee Kristoosiif gowwoota"** ogummaan Waaqayyo biyya lafaatiis gowwummaa dha, akkasumas al tokko tokkoo nan beeka warra jedhan kiristaanootaaf. "Gowwummaa" 1:29 irratti kan jiruu yaadannoodhaa fi mata duree addaa 15:36 ilaali.

▣ **"Isin garuu Kiristoosiin hubatoodha… isin cimoodha, isin ulfaatoo dha"** lakk. Kun 7-9 irraa kan itti fufee dubbii cigooti

▣ **"Dadhabaa"** mata duree addaa- dadhabummaan 2 Qoro 12:9 ilaali.

**4:11 "Haga yeroo sanaati in beelofna, in dheebona, qulaa taana, in gaddina, in joora"** lakk.kun kan isaan callaqisisaan yaali dhuunfaa Phaawulos (2 Qoro 4:7-12, 6:3-10 fi 11:23-30, Ibiroota 11:34-38) hubadhu. Inni 1 Qoro kan barreesse Efesoon irraati.

**4:12 "In dadhabna, harka keenyaan hojjechaa"** kun kan callaqisiisuu cimsa Yihudootaati, innis hojiin humnaa sirrummaa isaa argisiisuuf (Hojii ergamoota 18:3, 20:34, 1 Tessolonqee 2:9, 2 Tessolonqee 3:8). Innis aadaa Girikii in tufata ture, Qorontosiin kan turtee waldaa kiristaanaa dabalatee.

▣ **"Yoo nu arabsan in eebifna"** Phaawulos barumsa Yesus callaqisiisa (Maatihos 5:10-12, 1 Pheexiros 2:23). (Arabsamuu) jechii jedhuu jechuun, *loidoreō*) 1 Qoro 5:11 fi 6:10 (jechuun, *loidoros*) kan teesisan tarreefama cubbuu keessaatti dabalameera. Vincent, Word Studies (qayyabbannaa biyya lafaa) akka jedhutti jechii kun kan heeru kan dhuunfaa arabsamuu yeroo ta'uu "maqa balleessi" kan jedhuu jechi immoo (jechuun, *dusphēmeō*, lakk.13) bakkee irratti maqaa balleessuu (4:13, 2 Qoro 6:8). Ani garagarummaa kanaa mirkaneessuu in dandeenye. Isaan lamaan kun kan qaama lakk.guddaa kan ta'an jecha Girikii kan Koneeti, ramaddi Seemiitiin "arabsuu fi maqaa balleessuun" (Louw and Nida, *Greek-English Lexicon*,) kan Girikii an Ingulli jechi hundee keeyata 1 fuula 433-434).

Phaawulos baay'ee isaanii barsiisota sobduudhaan arabsameera, haa ta'uu malee baay'ee kan madeessaan waldaan kiristaana Qorontos turte. Gareen murtaa'an, inni dhuunfaa isatti gara Kristositti kan geggeesse jechaan salphisuudhaaf kan hamaatan itti ta'an.

**4:13 "Haraarsuu"** 2 Qoro 1:4-11 kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

▣

**NASB** **"Amma ammaatti kosii biyya lafaa kosii hundummaa taaneera"**
**NKJV** **"Amma ammaatti kan waa'ee in baafnee kan biyya lafaa kosii biyya lafaa taaneerra"**
**NRSV** **"Amma ammaatti kosii biyya lafaa kosii hundumaa taaneera"**
**TEV** **"Ammas taanaan kosii biyya lafaa irra kan caale in taane, kosii lafaas taaneera"**
**NJB** **"Ammas kan lakkoofnu akka kosii biyya lafaatti, baay'ee kan waa'ee in baafne"**

Ke'etii kun (lakkofsaa 8-13) kan agarsiisu dhiphina dhufaa Phawulos, wangela lallabuu isaa wajjin kan walqabatee. Inni akka saliphatee fi tuffattametti itti dhaga'ama ture, warra hinamanin qafa osoo hintaanee, hata'u malee isaan kan boqujaboota geggeesitoota Qorontos.

Gaaleen jalqabaa "haxayi biyyaa lafaa" kan agarsisu mana ittoo qodaa erga micanii booda kan hafuu dha. Innis akkuma jirutti "nannoo hundumaatif karaa hundumaati qullesudha". Isaan xiqqaa walfakkattaa kan ibsuudhaf jechi haalaa Phawulos ka'umsaaf muteesadha.

1. Inni senaa bodaa Kakuu Moofaa fayyadamee yoota'e, kunis hiki Giriikotaa, karaa sabtu'ajentii ibsaamme yota'e, jechichii fayadama irra kan oolee qulquleesanii haxa'uu fi isa booda olchuudhaaf (Fakenya 21:18).Bauer, Andt, Gingrich,fi Danker's Greek/English Lexicon, (Giriik/Ingilifaa hundeen jechaa fula647, fi A. T. Robertson's Word Pictures, (suuraa jechaa) fuula 108 , akka jedhanitti isaa gargaaruu kan ta'uu qabu "ball'esaa nama biratin akka adamu" dha, tarii Xobbiiti irraa 5:19 fayyadamisa.
2. Inni Heleenoota seena booda fayyadamee yoo ta'e, jechi lamanuu lakk.13 irratti kan jiran wajjin wal fakkaataa ta'u, innis qulleesse haruun kan gataman.
3. Inni jecha haalaa fayyadamee yoo ta'ee achi irraas lamanuu salphina argisiisa (Bauier, Arndt, Gingrich, fi Danker's Greak/English Lexicon (Girikii/hundeen jecha ingilli) fuula 653).

Gaaleen laman "hundumaa kosii" akkasumas kan argisiisu adeemsa qulqulleessuu soofame waan ka'udha. Isaan jechi lamaan kun wal fakkaataadha. Isaan jecha cimaa dha, haa ta'uu malee jecha haalaa fayyadama irra kan oolan tarii isaan baay'ee jabaadhaa fi bareeda kan nutti ta'an darbee darbee jecha ta'u isaaniti. Isaanis kan Phaawulos cigoo jabeessuuf gargaareera.

## I Qorontos 4:14-21

**[14]Kanas akka ijoollee koo warra jaallatamootti isin gorsuudhaaf malee, isin yeellaasisuudhaafan caafa miti*. [15]Karaa Kristos guddisee kuma baay'ee yoo qabaattan iyyuu, abboota baay'ee hin qabdan; ani wangeela isin barsiisuu kootiin, karaa Kristos Yesus abbaa keessan ta'eera*. [16]Kanaaf fakkeenya koo akka fudhattaniifan isin kadhadha*. [17]Sababi kanaaf Ximotewosin gara keessanitti erguu koo ti. Inni karaa ani itti jiraadhu, isa ani isin barsiise waldaa kristiyaanaa hundumaatti barsiisaa jirus, isin in yaadachiisa*. [18]Isiin keessaa kaan akka waan ani dhufee isin hin argineetti lakkaa'ani, of bokoksuutti ka'an. 1[9]Amma garuu jaalala gooftaa yoo ta'ee, dafee gara keessan nan dhufa; waan warri of bokoksan kun dubbatan utuu hin ta'in, waan isaan gochuu danda'anis ofii kootii nan ilaala*. [20]Mootummaan Waaqayyoo mootummaa humni Waaqayyoo itti hojjettu malee, mootummaa dubbii waa'ee hin baafne itti dubbatan miti*. [21]Egaa maal barbaaddu? Ulee fudhadhee isinitti dhufu moo yookiis jaalalaa fi hafuura garramummaatiin isinitti dhufu*.**

**4:14 "Isaan kana kanaan barreesse isin qaneessuuf miti"** lakk.8-13 baay'ee cigoo dha. Phaawulosi akka itti qana'uu akka qabuu yaadeera (6:5, 15:34). Keeyati kun (jechuun, lakk.14-24) gara booda ilaaluu isaa (jechuun, boqonnaa 1-4) yookaan gara fuula duratti qabatamummaa hin qabu. Wanti itti qaneefachiisu wanti baay'een jira.

▣ **"Akkan isin jalladhuu ijoollee koo godhee isinan ifadha"** Phaawulos haala da'ima leenjisuu, warra Qorontos jajjabeesuuf fayyadameera (Efeson 6:4). Kun jecha wal makaa Girikiititi (jechuu, "sammuu" eda'uu "kaa'u") yaadachuudhaaf fayyadama irra kan oolee (10:11 fi Tiitoo 3:10). Jecha wal fakkaataa ta'ee (jechuun, "K" eda'uu "qabsiisa") lakk.17, 11:24-25, II Qorontos 1:15) fayyadama irra ooleera.

**4:15 "Akka"** kun rammaddi sada hima haalaati, innis gocha cimaa.

▣

**NASB** **"Barsiisota hin lakkaa'mne"**
**NKJV** **"Barsiisoota kuma kudhan"**
**NRSV, TEV** **"Egdoota kuma kudhan"**
**NJB** **"Kuma kudhan kan isin eegan tajaajiloota"**

Kun akkuma jirutti "tajaajiloota barsiisoota" dha (Galaatiyaa 3:24). Isaan tajaajilonni kun gurguddoota ijoollee dhiiraa gara mana barumsaatti yeroo deeman hidhata turan, manattis in qayyabbachiisu, akkasumas balaa irraa in eeguu turan.

▣ **"Abbootaa…Abbaa"** kun jecha haalaa Phaawulos yeroo ta'u, inni mataa isaa akka abbaa wangeellaatti jalqabumma irraa isaaniin gara amantii Kristoositti akka geggeessu ibsuudhaaf itti fayyadama. Kunnis ulfinnaa fi ibsa in ta'aaf!

**4:16 "Ana akka fakkaataan isiinan kadhadha"** kun kan giddu galleessa ammaa (gargaartuu) xiyaafataa dha. Jechii ingilli keenyaa "fakkeessuu" kan argannee jecha Girikii kana irratti "fakkeessu" dha. Phaawulos amantii

isaa itti jiraata ture (1 Qoro 11:1, Filliphuus 3:17, 4:9, 1 Teessolonqee 1:6, 3:9) isaan geggeesitoonni waldaan Qorontos kun bifa wal fakkaataadhaan akka godhaniif waamicha dhi'eessaniiru.

▣ **"Jajabeessuu"** mata duree addaa jajjabeessuu 1 1:10 ilaali.

**4:17 "Ximootihosiin isiif ergeera"** waa'ee daawwannaa kanaa kan biraa ragaa Macaafa qulqulluu hin qabnu. Ximootihoos kan jijjiiramee Misi'oonummaa adeemsa Phaawulos isa duraa yeroo ta'uu, akka gargaartuutti isa lama irratti fo'ameera. Innis hidhata amanamaa Phaawulos ture, hidhata, hojeetaa gargaartuu fi bakka bu'a ergamaa ta'eera. Ximootihosiin erguun isaa kan inni argisiisuu, Phaawulos waldaa kiristaanaa kanaaf jaalallaa fi dirqama isaa argisiisa. Haa ta'u malee Phaawulos kan yaade tokko tokkoo waldaa kiristaanaa kana dargageessa kana hidhata hojiitii fi bakka bu'a isaa, Xiimotihoosiin akka malee akka isaan hi qabnee dha (16:10-11) mata duree addaa Ximootihos II Qorontos 1:1.

▣ **"Bakka hundumaatii fi waldaa hundumaati akkan isin barsiise"** Phaawulos cimsa kennuu kan barbaade waldaan Kiristaanaa Qorontos barumsa wal fakkaataa akkumma waldaa kiristaanaa kan biro akka kennaniifi dha (7:14, 11:16, 14:33). Isaan kan adda ta'an yookaan kan wayyan hin ture. Isaan kan adda ta'an, kan kabajaman, yookaan abbaa sammuu addaa jedhamuudhaaf mirga in qaban tura. Mata duree addaa waldaa kiristaanaa 1:2 ilaali.

**4:18-21** Kun isa fuulduraa karoora deemsa Phaawulos, isaanis Qorontosii wajjin kan itti wal qabsiisan. Sababni inni kana godheef waldaan kiristaanaa tokko tokko jiraachuu dhiisuu Phaawulos akka waraansaatti waan fudhataniif (lakk.18). Isaan kan cimsa itti laatan (1)Dhabamuun Phaawulos waldaa kiristaanaa kanaaf homaa rakkina akka in qabne mallattoo kan argisiisuu ta'uu isaa (2)Kakuu galee raawwatee duukaa bu'uu dhiisuu isaa.

**4:18 "Tokko tokkoo of tuultoota ta'aniiru"** Phaawulos jecha kana boqonnaa kana keessatti yeroo sadii fayyadameera (jechuun, lakk.6, 18, 19) akkasumas ergaa Qorontositti yeroo baay'ee (1 Qoro 5:2, 8:1, 13:4 fi 2 Qoro 12:20). Kun rakkina addaa qaba ture waldatti kiristaanaa kanaaf. 4:6 irratti qabsiisa jiru ilaali.

**4:19 "Dhi'ootti gara keessan nan dhufa"** Phaawulos kan inni dhaabee waldaan kiristaanaa cimsuudhaaf immoo irra deddeebi'ee in deddeebi'a ture (11:34, 16:5). Phaawulos gara isaani dhufuudhaaf barbaade ture, haa ta'uu malee jireenyi isaa kan dhuunfaa isaatti in ture. Inni dirqamatti geggeessaa hafuura qulqulluu barbaaduu fi hordofuutu irra ture (Hojii ergamoota 16:6).

▣ **"Gooftaan yoo hiyyame"** kun rammaddi sada hima haalaati, innis gocha cimaa kan ta'e. kun Phaawulosiidhaaf hiika kan hin qabne gaalee hin ture (16:7, Hojii ergamootaa 18:21, Roomee 1:10, 15:32).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Humna oftuultoota nan beeka malee dubbi isaani miti"** |
| **NKJV** | **"Jecha of tuultoota utuu hin ta'in humna isaani nan beeka"** |
| **NRSV** | **"Isaan haasa namootaa of tuultootaa osoo hin ta'in humna isaani nan beeka"** |
| **TEV** | **"Akkasummas mataa kootiin nan beeka isaan namoota of jajoo kana humna isaan qaban, isa isaan dubbattan osoo hin ta'in"** |
| **NJB** | **"Isaan namoota of jajoo kanaa kan isaan jedhan utuu hin ta'in humna isaan qaban nan beeka"** |

Barsiistni sobduun haasa kan beekaan turan, haa ta'uu malee bu'aan isaa humna kan hin qabnee dha (Maatihos 7).

**4:20 "Mootummaa Waaqayyoo"** Phaawulos yaad-rimmee kanaa Yesus akka godhee itti hin fayyadamne (jechuun, Wangeelloota wal fakkaatan keessatti). Inni kan argisiisuu amma laphee namootaa keessatti bittaa Waaqayyooti (Roomee 14:17), kunnis guyyaa tokkoo biyya lafaa hundumaatti kan qindaa'ee ta'a, amma Waaqa irratti akka ta'ee hundumaa (Maatihos 6:10). Phaawulos gaalee kana caalaatti I Qorontos irratti itti fayyadameera (4:20, 6:9, 15:24, 50) barreeffama kan biraa caalaa. Amantoota kana beekuun kan irra jiruu dhimma mata duree kiristaanummaa isa guddaa (ajandaa) qaama ta'uu isaatti (17).

## MATA DUREE ADDAA: MOTUMMAA WAAQAYYOO

Kakuu Moofaa keessatti YHWH akka Mootii Isiraa'elitti (cf. 1Sam. 8:7, Far. 10:16; 24;7-9; 29:10; 44:4; 89:18; 95:3, Isa. 43:15; 44:4,6) akkasumas immoo Masihichi akka mootii yaadaan jiruutti yaaddamaa turani (cf. Far. 2:6; Isa. 9:6-7; 11:1-5). Beetalheem keessatti (6-4 DKD) Yesuus dhalachuu isatiin Mootummana Waaqayyoo humna haaraa fi qulqullaa'uu fayyuudhaan (Kakuu Haaraa, cf. Er. 31:31-34; His. 36:27-36) gara seenaa dhala namaatti ni cite. Yohaannis bartichi dhihaachuu Mootummaa Waaqayyoo ni labse (cf. Mat. 3:2, Mar. 1:15). Yesuus ifumaan ifatti motummaa Waaqayyoo Isaa fi barsiisota Isaa keessaan dhihaachuu isaa barsiisee ture (cf. Mat. 16;28; 24:14; 26;29; Mar. 9:1; Luq. 21:31; 22:16,18).

Wangeelota walfakkaatan wal cinaa Maarqosii fi Luqaas keessatti gaalee "Mootummaa Waaqayyoo" jedhu ni argina. Mata dureen barsiisota Yesuus kan walii gala bittaa Waaqayyo yeroo ammaa kana garaa namaa irratti bitu, isa gaafa tokko lafa guutuu keessatti faayidaarra kan oolu ta'u of keessatti ni hammata ture. Inni kun kedhannaa Yesuus Mat. 6:10 keessaa keessatti calaqqisiifameera. Yommuu Maarqosii fi Luqaas, barreeffamoonni Ormootaaf barreeffaman, karaa waliigalaa, maqaa Waaqummaatti fayyadaman Wangeela Maatewos inni Yihudootaaf barreeffame, gaalee isa maqaa Waaqayyoo hin fayydamne ture. (Mootummaa Waaqaa).

Inni kun Wangeeloota walfakkaatan keessatti gaalee ijoo "Lallaboonni jalqabaa fi dhumaa Yesuus akkasumas fakkeenyoonni Isaa irra jireenyi, mata duree kana wajjin waliigalu. Inni bulchiinsa/mootummaa Waaayyoo garaa namaa keessaa kan amma ni eera! Yohaannis gaalee kana si'a lama qofaa itti fayyadamuun isaa (akkasumas fakkeenyota Yesuus keessatti gonkumaa itit hin fayyadamin dhisuun isaa) waan nama dinquudha. Mata duree Addaa armaan gadii ilaalaa. Wangeela Yohaannisiif "jireenyi bara baraa" jechaa fi bakka buusa ijoo tokkodha."

Dhiphinni gaalee kanaa wajjin jiru kan ka'e dhufaatii Kiristoos karaa lamaani Kakuu Moofaan masihii Waaqayyoo dhufaa jiru qofaa irratti xiyyeeffate dursaa waraanaa kan firdii ulfina abeessa dhufaa jiru garuu immoo Kakuu Haaraan Inni Isa. 53 fi akka mootii nagaa Zak. 9:9 hammeenyaa fi barri haaraan tolummaa walan dhoksuuf walirra ni bu'ani. Yesuus yeroo ammaa kana garaa mantootaa keessatti bulchaa jira; garuu immoo guyyaa tokko uumamoota hunda irratti ni bita. Inni akkuma isa Kakuu Moofaa keessatti raagameefitti ni dhufa! Amantonni mootummaa Waaqayyoo "isa dursee ture" fi "isa siichii" keessa ni jiraatu (cf. Gordon D.Fee and Douglas Stuart's How to Read The Bible For All Its Worth, ff. 131-134).

▣ **"Jechaan utuu in ta'iin humnaan"** dhugaa kanaa fakkeenya Ameerikaa kaa'uudhaaf "gochaan jecha irraa in dubbata" yookaan "mirkanneessuun booda irraa".

**4:21 "Ulee"** kun kan argisuu ulee barsiisaati (4:15). Waldaan kiristaanaa kun murteessuutu irra jiraata, Phaawulos akka abbaa adabuuti yookaan akka abbaa haraara godhutti akka dhufu. Gochaan isaanii dhufaati isaa in murteessu.

▣ **"Hafuura garaamummaa"** Synonyms of the Old Testament Robert Girdlestione (kakuu moofa wal fakkaate) Kakuu Haaraan "hafuura" waa'ee jecha jedhuu ibsa fayyadama ajaa'ibsiisaa qaba (fuula 61-63).

1. Hafuura xuraa'aa
2. Hafuura namaa
3. Hafuura qulqulluu
4. Karaa hafuura namaan hafuurri qulqulluun wantoota inni uumu
   a. 'Hafuura garbummaa utuu hin ta'in hafuura mucummaa' Roomee 8:15
   b. 'Hafuura garaamummaa' 1 Qoro 4:21
   c. 'Hafuura amantii'2 Qoro 4:13
   d. 'Hafuura ogummaatii fi kan mul'ataa isa beekuu' Efesoon 1:17
   e. 'Hafuura sodaa utuu hin ta'in kan humnaa, kan jaalalaa fi hafuura tasgaba'aa' 2 Ximootihos 1:7
   f. 'Hafuura dogogoraa faallaa isaa hafuura dhugaa' 1 Yohannis 4:6

Yaadannoo biraan "hafuura" irratti 2 Qoro 4:13 irratti ilaali.

The Jerome Bible Commentry (kan Joroom tarreefama macaafa qulqulluu) Kakuu Haaraa fuulaa 260 akka ibsuutti kun hima isa dhumaa lakk. 21 irratti kan jiruu Iyoob 37:13 heeru in hafu.

**Gaaffiillee mare**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1 Amantoonni mataa isaanitti kan in murteessine kan biraan akka godhan kan hin hiyyamnee maaliif? Kunnis nurraa dhuga baatii kiristaanaa wajjin akkamitti adeemaa?
2 Lakk.6-13 keeyatichi waa'ee tajaajiloota ammayyaa yaada lapheeti fi tooftaa jireenyaa maal jedha?
3 "Mootummaa Waaqayyoo" jecha jedhuu ibsi.
4 Boqonnaa kana keessatti Phaawulos kan itti fayyadamee dubbii dhoksaa fi cogoo ibsi.

# I Qorontos 5

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| | | Seera dhabiina Qorontos keessa (5:1-6:20) | | |
| Naamusa gaarii dhabuu irratti firdii | Naamusa gaarii dhabuu waldaa kiristaanaa xureessa | Dhumma seeraa waldaa | Naamusa gaarii dhabuu waldaa | Xuraa'ummaa Qorontos keessa |
| 5:1-8 | 5:1-8 | 5:1-2 | 5:1-5 | 5:1-5 |
| | | 5:3-5 | | |
| | Naamusa gaarii dhabuu irratti faradamuu qaba | 5:6-8 | 5:6-8 | 5:6-8 |
| 5:9-13 | 5:9-13 | 5:9-13 | 5:9-11 | 5:9-13a |
| | | | 5:12-13 | 5:13b |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. Kkk

## Waldaa kiristaanaatti tarkaanfii namuusaa haala xin-waaqummaa tiin.

A. Kun keeyata baay'ee keessa isa tokko, Kakuu Haaraatti tarkaanfii namuusa waldaa kiristaanaa kan ilaalate (1 Qoro 5:22, 7, 13, 2 Qoro 2:5-7, 2 Tessolonqee 3:14-15, 1 Ximootihos 1:20, Tiitoo 3:10).

B. Tarkaanfiin namuusa waldaa kiristaanaa kaayyoo sadii qaba.

1 Waldaa hosiistuum maqaa gaariidhaa fi eenyummaa ishee eegsisuuf

2 Duuka buutuu gargaaruudhaa fi obbolleessa kakuu dogogoree yookaan obboolleetti deebiisuudhaaf (2 Qoro 2:5-11, 2 Tessolonqe 3:14-15)

3 Kiristaanni kan biraan cubbuu akka isaan in goonne gochuu (1 Ximootihos 5:20)

C. Sadarkaa kan qabu qabaatu jira

1 Duraan dursee, dhuunfaatti kan godhamuu wali galtee fi yoo hin dandaa'mne walitti dhuufenyaa dhuunfaa kutuu (Maatihos 18:15, Galaatiyaa 6:1, 2 Ximootihos 3:14-15, Tiitoo 3:10)

2 Lama garee xiqqoodhaa wajjin wali galtee gochuu (Maatihos 18:16)

3 Sada saba duratti kan godhamuu wal ga'ii kiristaanaa irraa ala gochuu (Maatihos 18:14, I Qorontos 5:1, 1 Ximootihos 1:20

4 Galmi isaa yeroo hundummaa ta'uu kan qabuu qalbi jijjirannaadhaaf deebisuudhaaf malee adabuuf hari'uuf miti (2 Qoro 2:6-8, GAlaatiyaa 6:1)

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

### I Qorontos 5:1-2
**[1]Amma immoo haalalummaan warra saba Waaqayyoo hin ta'in keessatti illee salphaatti hin ilaalamne, isin gidduu akka jiru dhaga'ameera; namni haadha buddeenaa isaa akka haadha manaatti wajjin jiraatu isin gidduu jira*.[2]Isinis of bokoksitanii jirtu, namni waan akkasii godhee kun isin keessaa akka baafamuuf boo'uun isiniif ta'a ture mitii ree*?**

**5:1 "Dhugaamatti dubbateera"**afaan ingilliffaatti "sirritti" jechuun afaan Giriki *holōs* dha, innis darbe darbee bifa yeroo ta'uu, I Qorontos garuu yeroo baayee barreeffameera (5:1, 6:7, 15:29). *Holos*, jechu jedhuu boci tokkoo yeroo ta'uu hiikii isaa "guutuutti" "wali wajjin" kan jedhuu dha. Kun darbee darbee jechuu kan barbaaduu "bal'inatti" beekameera. (NJB, NJB). Phaawulosiis baay'ee kan itti mufate sababni tokkoon asitti bifa hamaadhaan qulqullummaa bade ta'u danda'a. Waldaan Qorontos baay'ee of jajee turte, oduun isaas waldoota kiristaanaa kan birooti bal'inaan tamsa'ee ture. Phaawulosiis gocha namuusa keessa ba'e kanaa fincilluudhaaf ka'e, akkasumas haalli waldaa kanaa waldaa kiristaanaa kan biraas baay'ee kan miidhuu ta'e (jechuun, geggeessuun qonnaa lakk. 6-8).

▣ **"Safuu/malleessa"** jechu Girikii kun "*porneia*" yemmuu ta'uu innis gad dhiisaa kan ta'ee qunamtii saala jecha ibsuu dha. Jechi ingillii farnoogiraafi (jecha Girikii kana irraa arganeerra). Barreessaa Qorontos kan ta'ee kan Girikii qunamtii saalaan in beekamti. Kan biraan waaqa tolfamaa kan waaqessan Qorontositti safuu malleessa heyyamni hawaasichaa in na'a ture. Bruse. W. Winter, after Paul left Corainth, Phaawulos Qorontosiin akka in gadhiifne (ilaali).
Kakuu Moofaatti "ejjituu" (jechuun, tokkoo yookaan lamaanuu kan fuudhan) fi "ejjittu" (jechuun, lamaanuu kan hin fuune), kan jedhuu jecha giddutti garagarummaa qaba, haa ta'uu malee Konee Girikii (Hojii ergamootaa 15:20, 29) dhimmi isaa akka kana miti. Jechi kunkan heeru kammin illee sirrii kan hin taanee qunamtii saalaati (jechuun, ejja, sagaagila, walqunaamtii saala tokko, jedhes horummaa). As kan jiru kan darbuu Leewota 18:8, Keessa deebii 27:20 kan jirudha.

▣ **"Kan akka kanaa ormoota keessatti illee in argamu"** qunamtiin xura'aan akkasi seera Musee keessatti dhowameera (Leewota 18:8 fi keessa Deebii 22:30) haa ta'uu malee safuu malleessaa waaqa tolfamaa waaqeessu kan ta'ee haali Qorontos naasiseera. Kun "baay'ee kan ba'e" ture jaarraa tokkoo aadaan Roomee illee (cf. Gaius, lnst.l, 63 fi oxiford classical dictionary 8, 539-540.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Uummata"** |
| **NRSV** | **"waaqa tolfamaa kan waaqessan"** |
| **TEV** | **"Ormoota"** |
| **NJB** | **"Ormoota"** |

Phaawulos jecha kana kan fayyadamee bifa addaatiin. Kakuu Moofaatti ormoota fi Yihudoota gidduu garagarummaa addatuu ture. "Uummata" hiika alta'a ture. Phaawulos ormoota kan fayyadamee warra in amaniin bifa jedhuni dha. Isaan kun kan inni barreesseef Yihudoota kan hin ta'inii dha.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Tokkoo haadha manaa abbaa isaati fudhateera"** |
| **NKJB** | **"Namni tokkoo haadha manaa abbaa isaa fudhateera"** |
| **NRSV** | **"Namni tokkoo haadhaa manaa abbaa isaa wajjin jiraachaa jira"** |
| **TEV** | **"Namni tokkoo haadhaa budeenaa isaati wajjin ciseera"** |
| **NJB** | **"Kunnis isin keessa tokkoo haadha buuden isaatti wajjin iraachaa jira"** |

Kun walummaa gala kan argisiisuu haadha budeen isaatti wajjin jiraachaa jiraachuu isaati. Namichi

1 Haadha buuden isaatti abbaa isaa irraa fudhatee dogogorseera
2 Kan hiiktee haadha buuden isaa wajjin jiraachaa jira
3 Abban manaa ishee kan du'ee haadha budeen isaatti wajjin jiraachaa jira.

5:2 lakk.kana fudhachuun kan adanda'amu (1) akka gaaffoollee sadani (2) Hima sadii (NASB,(NASB), NKJV (NKJV)), yookaan (3) wal makaa (cf. NRSV, (NRSV), TEV, (TEV), NJB, (NJB), NIB, (NJB) akkoo dha.

▣
**NASB** **"Oftuultoota taatanitu"**
**NKJV** **"Of jajanituu"**
**NRSB** **"Of jajanitu"**
**TEV** **"Egaa of jajuun isiinif ta'aa"**
**NJB** **"Yaada mataa keessaniin baay'ee guutamtaanitu"**

Kun keeyata Booz baay'ee hojii irra kan ooleedha "of jajuu" innis ergaa Qorontos irraa deddeebi'ee fayyadama irra oolera (4:6, 18, 19, 5:2, 8:1, 13:4, 2 Qoro 12:20). Innis "kan ta'u gochama" qaba, isa wajjin kan wa lqabatee isaan kana kan xumuramee naannoo isaa kan deemuu innis haalaa tasgaba'ee kan argisiisuudha. Rakkinni qabatamaan haala waldaa ture (jechuun, baay'een maqa dhaalaa fi gochamaa). Isaanis haala kanaan of jajuu turan. Kun haali naasisaan ka'uumsa of duukaa harkisuu baay'ee qaba.

1. Qabiyyee barreeffama wali galaa jechuun kan danda'amu, kan wadaa kiristaanaatti mul'atu kan hiyummaan waninni fide hamaa fakkenya haaraa godhameeti.
2. Innis barsisaa Yihudotaa Aqibah (Akibaahi) ka'umsa kan calaqisiisu, jijjirama haraa rawatee nama haaraa ta'uu isaa kan agarsisuudha. (fakkenya A. T. Robertson, Word pictures in New Testament, (surawan jechaa Kakuu Haratti) fula. 111), kanafis, Qorontostti kan yomif essaa kun yelloo miti, garuu bilisumma kiristaanaa malee (jechuun, kan tkkoo Kiristoosin haaraa ta'uu).

▣
**NASB** **"qadasaa yoo gadditan hinwayyuu"**
**NKJV** **"isin caalaa yoo gadditan hinwayyuu"**
**NRSV** **"isin irra caalaa yoo gadditan hiwayyuu"**
**TEV** **"bifa biraan, gaddaan yoogutamtan wayya"**
**NJB** **"kan wayyuu ta'a kan ture, gaddi fageesitan gadduu ture"**

Jechi Girikii kun (jechuun, pentheo, Mat 5:4, 9:15, 2 Qor 12:21, Yaqob 4:9) gadda du'aaf godhamu fayidaa irra kan oludha (Mul 18:8,11). Hawaasa Yihudotaa kessaa kan du'eef, wanta gaddisiisaaf, ykn arassoof (Waaqummaa irratti) gaddattu godhama (Mar 14:63).

▣
**NASB** **"gidduu isaaniitii ba'aa"**
**NKJV** **"gidduu kessanii hadhabamu"**
**NRSV** **"gidduu kessanii akka ba'uu hagodhamu"**
**TEV** **"tokkumaa kessan kessaa akka ba'u hagodhamu"**
**NJB** **"hawaasichaa kessaa adda ba'ee hagatamu"**

Gochaan kun gochama cinaan hojirra oolee dha. Jechi Girikii kan jedhu "kasanii fudhachuu" yammuu ta'u innis yeroo hundumaa muritii irraa (Mat 24:39) fi badisaa wajjin walqabata (Yohannis 11:48). Tarkaanfii ejjeennoo namuusa waldaa kiristaanaa sadani dha.

1. Waldaa hosiftuu qulqulleessuu (jechuun, cubbuu irraa fi amantoota waldaa biratti kallatti ishee deebisu)
2. Amantoota dogogoran haaressanii deebisuudhaaf oolchu. Kunis kan danda'amu lakk.5 sababa (akkasumas jecha wal fakkaataa Luqaas 23:18 fayyadama irra ooleera) innis kan argisiisuu amanaa dogogore du'a.
3. Amantoonni kan biroon adaba Waaqayyoo yeroo ilaalan cubbuu gochuu dhiisuu irraa jajabaatu.

## I Qorontos 5:3-5

**3 Fooniin yoon isin irraa fagaadhe iyyuu, hafuuraan isin biran jira; akka waanan isin bira jiruttis, namicha waan akkasii hojjete irratti yakka mureera*. 4 Kanas ani maqaa gooftaa keenya Yesusiin godheetra, yommuu walitti qabamtan, hafuurri koos humna gooftaa keenya Yesusii wajjin yeroo isin biratti argamu, isinis irratti walii galaa*. 5 Guyyaa gooftaa Yesusitti, hafuurri isaa fayyuu akka danda'uuf, foon isaa balleessuudhaaf amma namichi kun harka seexanaatti akka kennamu godhaa*!**

**5:3-5** keeyati kun jechaa haalaa murtiti. Phaawulos kan yaaduu waldaan kiristaanaa “mana murtii waldaa kiristaanaa” jedhamtee waamamu isheeti (Yaaqoob 2:1-4). Waldaan kiristaanaa ishee durri kan isheen hordooftuu waaqeffannaa mana qulqullummaaYihudootaa fi duuka buutii isaati. Isaan manni murtii kanbaratamanii fi baay’een iddoo mana qulqullummaa Yihudoota irraa kan citan turan.

**5:3 “Fooniin yoon ta’uu baadhee iyyuu hafuuraan nan argama”** isaan lamaan kun gocha hojii irra oolan kan ammaati. Kunis ifatti kan inni argisiisu miira taayitaa ergamummaa Phaawulos (lakk.3 fi5). Haa ta’u malee waldaan kiristaanaa murticha mirkaneefachuu barbaaduu ishee hubadhu (lakk.4).

## Mata duree addaa: Hafuura (PNEUNA) Kakuu Haaraati

Jechi Girikii “Hafuura” wantoota baay’eedhaaf hojii irra oola. Asitti fakkeenya ramaddii xiqoo ilaaleera.

A. Sadan isaati Waaqa tokkoo ta’eef
   1. Kan Abbaa (Yohannis 4:24)
   2. Kan ilmaa (Roomee 8:9-10, 2 Qoro 3:17, Galatiyaa 4:6, 1 Pheexiros 1:11)
   3. Kan Hafuura qulqulluu (Maariqoos 1:11, Maatihos 3:16, 10:20, Yohannis 3:5, 6, 8, 7:39, 14:17, Hojii ergamoota 2:4, 5:9, 8:29, 35, Roomee 1:4, 8:11, 16, 1 Qoro 2:4, 10,11,13,14, 12:7)

B. Humnoota jireenya namaa
   1. Kan Yesus (Maariqos 8:12, Yohannis 11:33, 38, 13:21)
   2. Ilma namaa (Maatihos 22:43, Hojii ergamoota 7:59, 17:16, 20:22, Roomee 1:9. 8:16, 1 Qoro 2:11, 5:3-5, 7:34, 15:45, 16:18, 2 Qoro 2:13, 7:13, Filliphuus 4:23, Qolasahis 2:5)

C. Hafuura biyya lafaa (bittaa)
   1 Argamuu hafuuraa
      a. Gaarii (jechuun, ergamaa, Hojii ergamoota 23:8-9, Ibiroota 1:14)
      b. Hamaa (jechuun, seexana, Maatihos 8:16, 10:1, 12:43, 45, Hojii ergamoota 5:16, 8:7, 16:16, 19:12-21, Efesoon 6:12)
      c. Hafuuroota (Luqaas 24:37)
   2 Hafuuraan hubachuu (Maatihos 5:3, 26:41, Yohannis 3:6, 4:23, Hojii ergamootaa 18:25, 19:21, Roomee 2:29, 7:6, 8:4, 10, 12:11, 1 Qoro 14:37)
   3 Wantoota hafuuraa (Yohannis 6:63, Roomee 2:29, 8:2, 5, 9, 15, 15:27, 1 Qoro 9:11, 14:12)
   4 Kennawwaan hafuuraa (1 Qoro 12:1, 14:1)
   5 Liqimfamuu hafuura qulqulluu (Maatihos 22:43, Luqaas 2:27, Efesoon 1:17)
   6 Qaama hafuuraa (1 Qoro 15:44-45)

D. Amala isaa
   1 Yaada haala biyya lafaa (Roomee 8:15, 11:8, I Qorontos 2:12)
   2 Adeemsa yaada namaa (Hojii ergamootaa 6:10, Roomee 8:6, 1 Qoro 4:2)

E. Jireenya foonii biyya lafaa (bittaa)
   1 Lubbuu (Maatihos 7:25, 27, Yohannis 3:8, Hoji ergamoota 2:2)
   2 Hafuura (Hojii ergamoota 17:25, 2 Tesselonqee 2:8)

Ifa kan ta’u jechi kun dirqamatti hiikamuu kan qaban kan jiruu ifa qabiyyee barreefamaati. Baay’een gaadisa hiikaa heeramani qabu (1) Qaama foonii (2) Biyya in argamne (3) Akkasumas kan asii qaama foonii namoota yookaan hafuuroota.

Haafurri qulqulluun kutaa Waaqa sadan tokkoo ta’eedha, innis seena kanatti baay’ee damaqaa ta’ee kan socho’u.

kan Hafuura qulqulluu barri haaraan dhuufeera. Wanti gaariin qulqulluu, sirriini fi dhugaa kan ta’ee hundumtuu walitti hidhatu. Argamuun isaa kennaawwaanii fi tajaajila wangeellaa babali’suu milka’uma mootummaa Waaqayyootiif murteessaa dha (Yohannis 14 fi 16). Inni gara mata isaatti xiyaafannoo hin harkisuu, gara Kiristoositti male (Yohannis 16:13-14). Inni in ceephaa’a, in amansiisa, in gadda, in cuupha, akkasumas hundumaa amantoota in bilcheesa (Yohannis 16:8-11).

▣ **“Akkas kan godhe irratti duraan dursee murteesera”** kan hojjira oole kun kan amma argisisuudha. Phawulos tayitaa isaa hincimsa, hammam illee fooniin yoo hijiraanne, akkasumas mutin isaa hincima.

5:4 “Maqaa goftaa kenya Yesuusiin” Ibiroota kan ta’e kun isa du’aa ka’e ulfina Yesuusif humna kan cimsuudha, kunis tayitaa ergamummaa Phawulosif burqaa akka ta’e. Phawulos isa bakka bu’a, hinfakkatas.

“Dhaan……maqaa” kanjedhu boca addaa addaa qabu,lakkofsa kana kan ilaallate Girikii dhaan barrefam.

1. "Yesuus Kenya" barrefam adda ta'an B, D*
2. "Yesuus Kiristoos" adda kan ta'e barrefamaan a
3. "Yesuus Kiristoos Kenya" barrefamoota addaa D[2,] F, G
4. "Kan Kenya" barrefama xiqqoo1021 (bara 12)
5. "Yesus Kiristos Gooftaa keenya" barrefama xiqqoo 81 (bara 11)

Gamtaa walii galtee macaafa qulqulluu Kakuu Haraa Girikii, maxxansa arfaa (UBS$_4$) akka jedhutti murteesuudhaaf rakkisaa dha, garuu lakk.tokkoo in fila.

Rakkinni barreefama wal fakkaataa kana ammas lakk.5 irratti uumama (akkasumas lakk.11).

1. "Gooftaa" MSS P[46], B
2. "Gooftaa Yesus" MS a
3. "Gooftaa Yesus Kristoos" MS D
4. "Gooftaa keenya Yesus Kristoos" MSS A, F, G, P

SPS4 lakk.1 guutuu guutuutti utuu in ta'in sirri akka ta'eeti lakka'aama.

**5:5 "Kan akka kanaa fooni akka baduu seexanatti yoo kenname"** "kennuu" jechii Giriki *paradidōmi,*yemmuu ta'uu innis Wangeella keessatti fayyadama irra kan oolu tokkoo fuudhee gara abbaa taayitaatti geessuudhaan adaba gahaa (Maatihos 4:12, 5:25, 10:4, 17, 18:34, 20:19, 26:15, 27:2, 18, 26) fi Roomee irratti (1:24, 26, 28) tokkoo humna hafuura hamaatiif kennuu. Fayyadamni akkasi qabiyyee barreefama kanaa bifa wayyuun wali gala (jechuun, seexana bifa heeruudhaan).

Kun Ximootihos 1:20 wajjin wal fakkaataa dha. Kun maal akka inni hamatu falmii baay'ee beektootaa fi tarreesitoota giddutti geggeefameera. Tokko tokkoo kan argisiisan adaba qaamaa isa dhumaa akka inni fiduu dha (jechuun, du'a) kan akka hojii ergamootaa 5 fi 1 Qoro 3:17, 11:30. Kan biroon immoo kan isaan argisiisaan akka wali gala walitti dhuufeenya gargar kutuu jechuun isa tokkoo gochaa bittaa seexanaati, innis biyya lafaa dhiisuu godheeti (Yohannis 12:31, 16:11, 1 Qoro 4:4, 1 Yohannis 5:19). Waaqayyoo wajjiniif sabaa wajjin tokkumman qabuu yeroo gargar cituu tarii gara Waaqayyootti deebisee nanneessuu danda'a, akkasumas murtii dhumaatti akka hin arganneef gochuudhaaf. Phaawulos biyya lafaa kan ilaalu akka bittaa seexannatti (Efesoon 2:2). Biyya lafaa kana irratti hamaan ta'u (jechuun, du'a, dhukuba, dhabiisa,k.k.f) kan kennamaniif isa hamaadhaaf, seexanaaf (2 Qoro12:7, 1 Tessolonqee 2:18). Ammas ta'uu kan danda'u "foon" kan argisiisuu miira ilma namaa isa hamaa tooftaa jireenyaati (jechuun, kan kufee uumama addaa). Mata duree addaa qaama isa hamaa 7:5 irratti ilaali. "Foon" mata duree addaa 1:26 ilaali.

▣ **"Kanaafis hafuurri isaa akka fayyu"** tarkaanfiin namuusaa waldaa kiristaanaa yeroo hundumaa kan oolchuu fi kan deebisuu ta'uu qaba malee ijaa ba'uu ta'uun irra hin jiru (2 Qoro 2:5-11, 2 Tessolonqee 3:14-15). Kunnis hiika Kakuu Moofaati "oolchuu"jechi jedhuu, oolchuu qaama kan argisiisuu dha. Namni kun, hamam illee safuudhaa alaa yoo hojjeete miseensa waldaa kiristaanaati. Inni kan isa barbaachiisu oolchuu hafuuraati malee fayyina miti.

Barreefama Phaawulos yeroo baay'ee akka ta'uu hundumaa qaama foonii fi hafuura faallaadhaan taa'eera (fakkeenyaaf Roomee 8:1-11). Isaanis kan adda addaa lama qindooma taayitaa, addunya lama, kan makaa ta'an (kennamuu) bakka bu'a (Maatihos 6:19-34, 1 Yohannis 2:15-17).

Waa'ee lakk5 inni tokkoo baay'ee kan oljedhee tuqaa xin-waaqummaa , seexanni meeshaa Waaqayyoo ta'uu isaati, akeeka oolchuu isaatti kan tajaajilu jechuu dha. Kakuu Moofaatti seexanni diina ilma namaati, garuu Waaqayyoo kan itti dhima ba'uu dha (A.B.Davidson Ot Teology,(xin-waaqummaa Kakuu Moofaa) fuula 300-306). Walitti dhufeenyi isaa Kakuu Haaraatti jabaataa dhufa. Seexanni diina Waaqayyo ta'eera, garuu ammas tajaajilaa fedha in qabaannee dha. Gocha seexanaa lakk.5 kan ta'u miseensaa waldaa kiristaanaa dogogoree gara galma fayyinaatti fiduu dha.

▣ **"Guyyaa gooftaa keenya Yesusitti"** kun ifatti kan argisiisuu ga'umsa xumuraa, bara isa dhummaa yoomii fi eessaati. Murtii Waaqayyoo lafa irraa amantoota irratti 11:30-32, Hojii ergamoota 5 fi 1 Ximootihos 1:20 argamuu danda'a. Barreefamni kunnis kan argisiisuu (1) Du'a foonii garuu fayyina dhuma 1:8, yookaan (2) Fayyinni isaa qalbi jijjiiranaan kan murtaa'uu ta'u isaa.

Irra deddeebi'aa kan ta'ee kan bara dhumaa cimsii 1 Qoro irratti jira (1:7-8, 3:15, 4:5, 5:5, 6:14, 11:26, 13:12, 15:50-54, 16:22). Inni tokkoo waldaan kiristaanaa Qorontos rakkina xin-waaqummaa ta'uu kan danda'u haala bara dhumaa kan ammaa taasisuu gochuudhaaf argamu muraasaa kan qabuu ginoostiziimii wajjin walin makuu ture. Isaan hafuuraan ga'uu isaanii in yaaduu turan (4:7-10) akkasumas fooni hamaa akka ta'ee (jechuun, yaadi warra Girikii) fi kanaafiis, dhimma waan hafuuraatiif bu'aa kan in qabne. Phaawulos haala kana ceepha'eera

1. Kan dhufus ta'ee kan ammaa firdiin cimsuudhaaf (5:5)
2. Amantootaaf safuu malleessi sirrii akka hin taanee cimsa laachuudhaan (lakk5-6)

Akkasumas Yaahiwwee kan argisisani gaalee Kakuu Moofaa amma gara Yesuusitti naanna'uu isaani hubadhu (1:8, 2 Qoro 1:14,1 Tessolonqee 5:2, 2 Tessoolonqee 2:2, 2 Ximootihos 4:8). Kunnis tooftaa barreefamaa isa tokkoodha, barreesitooti Kakuu Haaraa Waqummaa Yesus nama Naazireeti ta'uu isaa kan ittiin cimsan.

## 1 Qoro 5:6-8

**6 Of jajuun keessan gaarii miti; raacitiin xinnoon ishee guutummaa bukichaa akka bokoksu hin beektanii ree*? 7 Raacitii moofaa isin keessa jiru baasaa gataa! Raacitii of keessaa hin qabdan erga ta'ee, isin bukoo haaraa in taatu; Kristos hoolaan faasikaa keenya aarsaa nuuf ta'eera*. 8 Kanaafis kottaa, buddeena raacitii hin qabneen, kana jechuunis jereenya qullaa'aadhaa fi dhugaadhaan ayyaanicha ayyaaneffanna malee, raacitii moofaa yookiis raacitii jal'inaa fi hamminaa of keessaa qabachuudhaan hin ayyaaneffannu*.**

**5:6 "Of jajuun keessan gaarii miti"** yaadi kun haala waldaan Qorontos hiikuudhaaf in gargaara. Isaan birmadummaa fi fedha wangeela irratti hunda'aani akka qaban gaafateera. Isaan birmadummaa isaanii isa haaraa ittin dhaadachuu barbaadaniiru, hawaasa isaanitiif dhuga baatii wangeelaa kennuu caalaa.

## Mata duree addaa: Of jajuu

Isaan jechii Girikii *kauchaomai*, *kauchēma*, and *kauchēsis*, , yeroo sodommi shani Phaawulosiin fayyadama irra yeroo oolu, ala lama qofa kan hafee kutaa Kakuu Moofaa keessatti argama (lamannuu Yaaqoob irratti). Kan isaa fayyadamni inni guddaan tokkoo fi II Qorontos irratti.

Waa'een ofjauu dhugaa gurguddaa lama wajjin walqabata qaba.

A. Tokkollee kabaja foonii/ofjajuu hiqabu, waaqayyo duratti (1Qor 1:29, Efe 2:9)
B. Amantoonni dirqamatti ofjajuu kan qaban Goftaadhaan (1Qor 1:31, 2 Qor 10:17, innis Erm 9:23-24 tiifi kan erudha.

Kanaafis, waan ta'uuf waan hintaane ofbobokossuun/ofjajuun jira (jechuunis, ofjajuu).

A. Sirrii kan ta'e
   1 Abdii ulfinaarra (Rom 4:2)
   2 Karaa Waaqayyoo, karaa Yesuus kiristoos (Rom 5:11)
   3 Fannoo Goftaa Kenya Yesuus Kiristoos (jechuun, kan Phaawuloos wanti qabatama guddaan, 1Qor1:17-18, Gal. 6:14)
   4 Phawuloos kan itti ofjaju
      a. Tajaajila isaatif waan argatu kan hiqabne (1 Qor 9:15,16,2Qor10:12)
      b. Tayitaa isaa Kiristoosin ta'eef (2 Qor 10:8,12)
      c. Hojii namota biraatiin ofjajuu dhiisuusa (tokko tokko Qorontositti akka ta'an, 2 Qor10:15)
      d. Sanyiidhaan dhaalisaa (tokko tokko Qoronroositti akka godhan, II Qorontos 11:17, 12:1,5,6)
      e. Waldoota-kiristaanaati
         (1) Qorontos (2 Qor7:4, 14, 9:2, 11:10)
         (2) Tosoloonqee (2 Tos. 1:4
         (3) Waaqayyoo dhaan jabachuu fi olchuun kan irra ture amanachuu (2 Qor 1:120)
B. Sirrii kan hintaane
   1 Dhaala Yihuudotaa wajjin kan firoomu (Rom 2:17,23, 3:27, Gal. 6:13)
   2 Waldaan Qorontos tokko tokko ofjajuu akka turan
      a. Namaan (1 Qor3:21)
      b. Ogummaa dhaan (14:7)
      c. Birmadummaadhaan (1 Qoro 5:6)
   3 Barsiisonni sobduun waldaa Qorontositti of jajuu yaalaniiru (2 Qoro 11:12)

▣ **"In beektanihoo"** kun kan baratamee amala gaalee hundeessuu Phaawulos yeroo ta'u, innis amantootni dirqamatti wantoota beekuu qaban kan heerudha, duraan dursee isaaniif wantootni ifan, ta'u iyyuu isaan yeroo hundumaa kan isaan hiranfattan (jechuun, gocha isaanitii fi haala isaani (Roomee 6:16, 11:2, 1 Qoro 3:16, 5:6, 6:2, 3, 9, 15, 19, 9:13, 24)

▣ **"Kan bukaa'ee"** kun kan argisiisuu fakkeenya Yihuudotaati (Maatihos 16:6, 12, Galaatiyaa 5:9) waa'ee raacitti, innis yeroo hundumaa bifa alta'aan, kunnis tortoruu wajjin kan wal qabatee, adeemsa sababa dhangagaa'u. ta'es, yeroo tokko tokkoo haala bifa sirri qaba (Maatihos 13:33, Luqaas 13:20-21), innishiika qabiyyee barreefama wajjin akka deemu kan argisiisuu dha.

## Mata duree addaa:Bukoo

"Bukoo" jechi jedhuu (*zumē*) bifa lamaan fayyadama irra kan oolee Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraatti.

1. Bifa totoruutii fi, kanaafis fakkeenya isa hamaa
   a. Ba'uu 12:15, 13:3, 7, 23:18, 34:25, Leewota 2:11, 6:17, Keessa deebii 16:3
   b. Maatihos 16:6, 11, Maariqoos 8:15, Luqaas 12:1, Galaatiyaa 5:9, 1 Qoro 5:6-8
2. Miira wal nyaachisuutiifi, kanaafis, dhiibbaa guddisuuf, fakkeenya isa hamaa kan hin taane
   a. Leewota 7:13, 23:17, Amos4:5
   b. Maatihos 13:33, Luqaas 13:20-21 qabiyyee barreefamaa qofa hiika jecha kanaa kan murteessu (kunnis jechi hundumtuu dhugaa akka ta'ee hundumaa)

**5:7 "Raacitii moofaa dhabamsiisaa"** kun gocha ammaa irratti kan xiiyaafatuudha. Kun barsiifata Yihudootaa kan heeruudha, innis wagga waggaatti Faasikaa duraa raacittii mana isaaniti kan baasaan (Ba'uu 12:15). Kan waggaa kabajaa ayyaanaa fakkeenya qalbi jijjiranaati.

▣

**NASB** **"Bukoo haaraa akka taataniif raacitti kan hin qabne akka taatan hundumaa"**
**NKJV** **"bukoo haar akka taataniifi, raaciiti kan hin qabne waan taatanif"**
**NRSV** **"Bukoo haaraa akka taataniif dhugumatti raacitti kan hinqabnee dha hoo"**
**TEV** **"waan ta'ee fi guutummaan keessan qulqulluu akka ta'uuf. Akka bukoo haaratti, innis raacitti tokko kan hin qabne akka taatan, dhugumatti akkas akka taatan beekahoo"**
**NJB** **"Waan ta'eef isin bukoo haaraa akka taataan, kan hin bukoofne isin akka taatani turtan"**

Kun kan argisiisuu Phaawulos ajaja safuu ibsa taayitaa wajjin wal qabsiisee dhi'eessu isaati. Nuti Kristoosiin bakki nuti qabanne akka jiruu, akkasuma tooftaa jireenya Kiristoosiin fakkatee akka deddeebinuuf. Isaan saba Waaqayyo turan (jechuun, raaciti kan hin qabne (kan hin bukoofne), garuu immoo xumurri isaa saba Waaqayyo ta'u (jechuun, bukoo haaraa).

▣

**NASB** **"Kristoos Faasikaan keenya haarfameera"**
**NKJV** **"Dhugumatti Kristoos Faasikaan keenya nuuf haarfameera'oo"**
**NRSV** **"Haferraan Faasikaa keenyaa qophaa'era, ammas Kristos hoolan Faasikaa keenyaa haarfameera hoo"**
**TEV** **"Ayyaanni Faasiikaa keenyaa qophaa'era hoo, ammas Kristoos hoolaan Faasikaa keenyaa harfameera hoo"**
**NJB** **Faasikaan keenya haarfameerahootti innis Kiristoos"**

Phaawulos du'a Kristoos Kakuu Moofaa irra yaada rime faasikaa wajjin walitti firoomsa (Ba'uu 12:15, 13:7). Kun Kakuu Haaraa kan jiran bakka murtaa'ee keessa tokko, wallitti dhufeenyi kun adda ba'ee kan taa'e

1. Cuuphaan Yohannis walitti dhufeenya kana ilaalatee Yesusiin "hoolaa Waaqayyo, cubbuu biyya lafaa kan balleessu" jedhee waame, Yohannis 1:29.
2. Yohannis 19:36 seera Ba'uu irraa Faasiikaa here fayyadama, Ba'uu 12:46.

**5:8 "Kanaafis ayyana keenya haa kabajnu"** kun gocha ammaa wal cina (waamicha cinaan jajjabeessu gochaaf). Innis kan wal qabsiisuu qophaa isaa kan Kakuu Haaraa guyyaa soomaa wajjin (Leewota 16) innis

guyyaa haara'umsaa jedhamee kan waamamuu lakk.7 irratti lakk. 7 fi 8 immoo ayyaana faasikaatti wajjin wal qabsiisa (B'au 12). Kun kan argisiisuu itti fufeenya kan qabu tooftaa jireenyaati. Kristoos hojii nuuf hojjeete irraa kan ka'e garu, qabiyyee cinaan qabu (jechuun, haala bukkeen).

▣ **"Raaciiti moofaan utuu hin ta'in"** kun kan argisiisuuKristoosiin kan jiruu Kakuu Haaraa dha (Ermiyaas 31:31-34, Hisqeel 36:22-38). Kakuu Haaraan kun of jauu namootaa fi an beekaa jechuu hin hammatu. Du'I Kristos mul'ata Macaafa qulqulluutiif isa guddaa beekama dha.

▣ **"Ta'uu yoo baates hameenyaa fi jal'inaan hin ta'in"** qabiyyee barreefaatii fi faallaa isaa, Phaawulos kan cimsuu sirrii kan hin taanee akkasumas hamaa, yaadaa fi gochaa, qoqodonni tokko tokkoo waldaa manaa Qorontos akka godhan.

▣ **"Haa ta'uu malee qajeelummaadhaan"** kun darbe darbee jecha yaadamuun jecha wal makaa "ija aduu" fi "abbaa murti" dha. Inni kan argisiisuu kan wal hin makiinii fi ka'umsa qulqulluu dha (5:8, 2 Qoro 1:12, 2:17, Filliphuus 1:10, 2 Pheexiros 3:1).

▣ **"Dhugaa"** *alē theia* hundee gochamaa "mul'ata, dhoksuu dhiisuu, argisiisuu" dha. Innis "qajjeelummaa irraa" hundee hiika wajjin wal cina kan jiruu dha. Phaawulos dhimma fedha keessaa isatti dhaga'ama! Mata duree addaa 2 Qoro 13:8 ilaali.

## I Qorontos 5:9-13

**[9]Namoota halalummaatti jiraatanii wajjin hidhata akka hin taane ergaa koo kanaan duraa keessatti isiniif caafeera*. [10]Ergaa koo keessatti namoota halalummaatti jiraatanii wajjin hidhata akka hin taanee jechuun koo, walitti qabaatti warra biyya lafaa kana keessa halalummaatti jiraatan yookiis warra sassatan yookiis warra saaman yookiis warra waaqayyolii tolfamaniif sagadan baqadhaa jechuu koo miti; kana achi raawwatanii biyya lafaa keessaa ba'uutu isin barbaachisa ture*. [11]Wanti ani isiniif caafe, "Ani amaneera" jedhee nama halalummaatti jiraatu yookiis nama sassatu yookiis nama wwqayyo tolfamaadhaaf sagadu yookiis nama machaa'u yookiis nama nama saamuu wajjin walitti hin hidhatinaa! Isaa wajjin illee hin nyaatinaa kan jedhu ture*. [12]Namoota waldaa kristiyaanaa keessa hin jirretti faraduun hojii koo ti ree? Wwarra waldaa kristiyaanaa keessa jiranitti immoo isin hin faraddanii ree*? [13]Caaffanni qulqullaa'aan, "Isa hamaa hojjetu of keessaa baasaa!" in jedha; warra waldaa keessa hin jirretti garuu Waaqayyotu farada*.**

**5:9 "Ergaa koo keessatti isiini barreessera"** kun tarii kan argiisiisuu xalayaa bade dha (A, T Robert son, Word Pictures in the New Testament) suura jechoota Kakuu Haaraatti (fuula 115 fi M.R.Vincent, Word studies in the New Testament) Kakuu Haaraatti qayyabbannaa jechaa (fuulaa 769). Bifa kanaan ergaan Phaawulos baay'een badanni ta'uu danda'a (lakk.11). Seensa I Qorontos VII ilaali.

▣ **"Safu malleessa namoota ta'an"** jechi Girikii kun *pornos* dha (5:9, 10, 11, 6:9). Innis "safuu malleessa" wajjin firooma (jechuun, *porneia* 5:1[al-lama], 6:13, 18, 7:2, 2 Qoro 12:21) fi "safuu malleessa raawwachuu" (jechuun, *porneu*,, 6:18, 10:8).

Isaan amantootni Qorontos kun baay'een isaani ormoota turan (tarii warri Roomaas). Waaqa tolfamaa kan waaqefaman maachiidhaa fi qunaamtii saala mana waaqeffannaatti innis waaqa tolfamaa isaanitiin adda kan ta'ee kan uummataa fi kan nama dhuunfaa hafeerraa hirbaataa irratti ture. Inni haaraan amantin Kristositti qaban dura aadaa ormaa kan qaban akka xurreessee dha.

## Mata duree addaa:Hamaa fi gaarii (Kakuu Haaraa)

Kan lachuu hamaadhaa fi gaariin tarreefamni isaa kakuu haaratti kan barratamanidha. Isaanis yeroo hunduma kan isaan calqisisa, barsisummaafi adawaan (helenoota) tarrefama. Kan kakuu mafia trrefami faalla amala tarrefami isaa akkanatti mul'ata

| | hamaa | gaarii |
|---|---|---|
| 1. Phawulos | Rom 1:28-32 | …… |
| | Rom 13:13 | Rom 12:19-21 |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | | 1 Qor 5:9-11 | …… |
| | | 1Qor 6:10 | 1Qor 6:6-9 |
| | | 2 Qor 12:20 | 2 Qor 6:4-10 |
| | | Gal 5:19-20 | Gal 5:22-23 |
| | | Eph 4:25-32 | …… |
| | | Eph 5:3-5 | ……. |
| | | ……. | Filphi. 4:8-9 |
| | | Qol 3:5,8 | Qol 3:12-14 |
| | | 1 Xim 1:9-10 | ……. |
| | | 1 Xim 6:4-5 | …… |
| | | 2Xim2:22a,23 | 2 Xim 2:22b,24 |
| | | Tito 1:7,3:3 | Tito 1:8-9, 3:1-2 |
| 2. | Ya'iqob | Ya'iqob 3:15-16 | Ya'iqob 3:17-18 |
| 3. | Phexiros | 1 Phe 4:3 | 1 Phe 4:7-11 |
| | | 2 Phe 1:9 | 2 Phe 1:5-8 |
| 4. | Yohanis | Mul'ata 21:8, 22:15 | …… |

**5:10** Ergaan Phaawulos dogogoraan hubatameera. Phaawulos, amantoonni haaraan safu-malleessaa irraa akka fagaatan yaadachiseera. Ta'us, tokko tokkoo kana kan hiikan "raawwatani wal qunamuu dhiisuu bifa kanaan". Phaawulos hiika kana ifa gochuutu irra ture. Amantootni kan jiraatan biyya lafaa kufee kana keessa, namoota safu-malleessaa wajjin utuu wali hin qunamiin hafuun kan danda'amu miti. Keessumatti (Maatihos 28:19 dhugaa isaa yoo fudhanne). Phaawulos jechuu kan barbaadee damaqaa waaqa tolfamaa kan waaqessan kan kakuu kan ta'an hidhata keessan, miseensa waldaa, yookaan hiriyaa dhi'oo akka isiniif ta'an hin hiyaminaa. Kun kan ammaa giddu galleessa kan hin mutraa'ini dha, *sunanamignumi*, jechi jedhuu, innis "wali wajjin wal makuu" hiika jedhuu qaba (5:9, 11, 2 Tessolonqee 3:6, 14). Lakk.10-11 waa'ee waldaa Qorontos aadaa yoomii fi eessa ifa kan ta'ee suuraa argisiisa.

**5:11**
**NASB** **"eenyu iyyuu obbolleesa jedhamee kan waamamu"**
**NKJV** **"Eenyuu iyyuu obbolessa kan jedhamu"**
**NRSV** **"Eenyuu isaani obboleessa yookaan obboleetti jechuu kan waamamu"**
**TEV** **"Mataa isaa amanaa jedhee namni of waamuu"**
**NJB** **"Eenyu iyyuu obboleessa kan jedhuun waamicha kanaan kan adeemu"**

Gaaleen kun kan hojii irra oolu ammaa kan hin murtaa'in, innis ramaddii sada hima haala kan wal arguu dha. Inni kan argisiisuu tokkoo maqaa Kristoosiin akka jiruu kan ibsuu (Efesoon 5:3), yookaan maqaa Kristos kan waamuu (Roomee 10:9-13, Filliphus 2:11) dha. Maqaa Kristos fudhachuu jechuun amala isaa fudhachuu jechuu dha. Wanti ifaa ta'ee Phaawulos (akka Yesus) kan amanu, tooftaa jireenyaa isa tokkoo eenyummaa mataa isaa isa dhugaa akka ibsuu dha (MAatihos 7:15-23). Ogummaani itti wali galuun kan irra jiruu wangeela irratti beekumsa jiruu, hafuura keessa buleen, ajajamuu nama dhuunfaan, ciminaan.

▣ **"Arabsituu"** 4:12 irratti yaadannoo jiruu ilaali.

▣ **"Akka"** kun ramaddii sada hima haalaati, innis kan ta'u gocha kan argisiisuu dha. Phaawulos cubbuu foonii tarreefama baay'een jiru (Roomee 1:29-37, 1 5:10-11, 6:9-10, 2 Qoro 12:20, Galaatiyaa 5:19-21, Efesoon 4:31, 5:3-4, Qolasihaas 3:5-9).

▣ **"Nama kanaa wajjin nyaataa illee hin nyaatinaa"** kun tarii kan argisiisu hirbaata gooftaati, garuu immoo walitti dhufeenya gamtaas ta'uu danda'a (10:27). Aadaa Roomeetti hafeeraan irbaataa safuu maleessaa fi carraa gaarii ture.

**5:12** Phaawulosiif waldaan kiristaanaa dirqamatti miseensaa wajjin wal argu (lakk.12 "eeyyee" deebi jedhuu eega), haa ta'uu malee amantooti, miseensa Waaqayyoo kan ta'anii wajjin dhimma jiru akka ilaalan dirqamatti hiyyamutu irra jiraata. Amantoonni tokkon isaani irratti murteessuun irra hin jiraatu (Maatihos 7:1, Roomee 14:1-15:13), garuu

1. Isa tokko ija kan biraa irraa dirqamatti qoruun nurra jira, taayitaa geggeesummaa (6:1-3, Maatihos)
2. Maqaan gaariin waldaa kiristaanaa bal'aa irra yoo jiraate tarkaanfiin namuusaa waldaa kiristaanaa dirqamatti fudhachuu qabna.

kun yeroo hundumaa daangaa fooya'ee dha. Phaawulos lakk.1 irratti cubbuu ilaale namni hojjeete bakka murtii Waaqayyo dirqamatti taa'uutu irra jira, (jechuun waldaa kiristaanaati ala).

Tokkoo qabiyyeen barreefama kanaa hawaasa ammayoome wajjin akkamitti akka firoome ajaa'ibsifamuu danda'a, kunnis kan ta'u amantootaaf kan hin amanin seera hawaasaa kabajisuudhaaf carraa sagallee kennuu yeroo argatanitti. Amantoonni adeemsa siyaasaati damaqanii hirmaachuutu irra jiraa? Qabiyyeen barreefama kanaa kan murtaa'ee dha, kunnis tarkaanfii namuusaa waldaa kiristaanaa wajjin kan wal qabatee dha male, waa'ee mirga warra lixaa miti. Amantoonni lamii bittaa lamaati lachanuu dirqamaa fi mirga! Hafuura Waaqayyoo, fedha Waaqayyo fi macaafa Waaqayyoo nuyii amantoota biyya lafaa kufe karaa keenya akka hin barbaanne nu gargaara, haa ta'uu malee kan hin amane cubbuudhaan, anummaadhaan fi seexanaani cunqurfamuu, in qabamus. Dhuga baati keenyaaf gara laafummaa keenya barbaaduu malee murtii keenyaa fi tola keenya hin barbaadaan. Isaan yaada keessa keenya, kaayoo fi gocha hubachuu kan danda'an miti.

Kiristaanooni wali wali isaani yoomii fi akkamitti "walitti murteessuuf" akka irra jiraatuu rakkina jiruu, baay'een barreefamoonni Girikii barreefama kana akka jijjiraniif sababan ta'aaniruu.

1. Baay'ee kan durii kan ta'ee barreefamni waraqataa P 46 (bara haraaraa 200) akkasumas DAHAIRIC Coptic transilation (Baaharik Koobpik hiika) (jaarraa sada) fi Peshitta Syriac transilation (jaarraa shana) alta'aa kutee himicha xiyaafannoodhaan hiikiira "keessa kan jiran irratti garuu ofi keessani murteessaa" [waldaan Kiristaanaa]" (cf. Bruce M. Metzger, A Textual Commentary on the Greek New Testament, (tareeffama bareffama Kakuu Haaraa Girikiin fuula 551).
2. The Sahidic Coptic translation (hikaa Sayidik Coptiki) (jaarraa 3) alta'aa hima itti fufee jiruuti kaninni kaa'e, "ani gochuu kanan dada'u namoota ala jiran irrattii murteesuu dhaa? Kessa kanjiran osoo hinta'in? kessa kanjiran irratti murtiin" (Metzger fuula 51).
3. UBS[4] macaafin gargarummaa kan isa guddaa irra kaa'uu isaatif bekamtii hinlaatu.

**5:13** Phawuloos falmii isaa yaadaa Yihudotaa wajjin qabsiin barrefama Musee era (Kes.de 13:5, 17:7,12,19:19,21:21, 22:21, 24, 24:7). Waldaan Kiristaanaa yoo dhiboofte (ulfinaaf jetteele) safu-malessa misensi guttummaa waldaa Kiristaanaa midhuu danda'u (lakkofsa 11).

## Gaaffiillee mare

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Waldaan kiristaanaa amma maaliifitu tarkaanfii namuusaa waldaa kiristaanaa hojii irra maalif in oolchine?
2. Taayitaa ergamummaa Phaawulos taayitaa waldaa hosiiftuu wajjin akkamitti deema?
3. Isa tokkoo badiisa foonitiif seexanaaf dabarsani kennuun maal jechuu dha?
4. Phaawulos Qorontosiif kan barreesse ergaa ammamiiti.

# I Qorontos 6

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| BS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Warra hin amanne duratti wal mormii fi deemuu<br><br>6:1-11 | Obboloota hin kasasinaa<br><br><br>6:1-11 | Mana murtii ormootaa keessaa haqa barbaachuu<br>6:1-6<br>6:7-11 | Obboloota kirisirtaanota kasasuu<br>6:1-6<br>6:7-11 | Haqaaf gara warra hin amannee deemu<br>6:1-8<br><br>6:9-11 |
| Foonii keessaaniin Waaqayyoon ulfeessaa<br><br><br>6:12-20 | Foonii fi hafuura keessaaniin Waaqayyoon ulfeessaa<br><br>6:12-20 | Jireenyaa laa warra jiraaatniif akeekkachiisa<br>6:9-11<br><br>6:12-20 | Foon keessan ulfina Waaqayyootiif itti fayyadamaa<br><br>6:12-14<br>6:15-17<br><br>6:18-20 | Walqunnamtii saalaa namusa malee taasifamu<br><br>6:12-17<br><br><br>6:18-20 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. Kkk

## Seensa yaadawwaani

Ani, waggoota giddutti, seera beektootni baay'een qabiyyee barreefama kanaa akkam godhani gamtaa ammayyoomee wajjin akka firoomu na gaafataniiru.

Duraan dursee, ilaalamu kan qabu nama tokkoo (kiristaana biraas yoo ta'e) gara mana murtiitti akka hin geessine dhorkuun isaa ifa ta'u qaba. Tokko falmisiisuu danda'a, manni murtii ammayyooman mana murtii ormaa adda jedhani, garuu akkam ta'a? Baay'een seeerri keenya immoo kan irratti hundaa'ee seera Roomaa irratti. Ara'aa abboonni firdii tokko tokkoo amantoota, haa ta'uu malee isaas yoo ta'ee adeemsi seera kennu walin dha'amuun irra hin jiraatu.

Asi irratti dhimmi baay'een kan hammataman fakkaata

1. Ka'umsi gocha seera yaadaa fi kaayyoon isaa wanta guddaa dha, kan dhimmichaa seera qabeessummaa isaa osoo hin ta'in. Kan jiraannu uummata falmuu wajjin, akkuma Ateenaa durii. Yeroo hundumaa of jajuu, horii, yookaan ijaa ba'uun dhimma isa guddaa kan ta'anidha.
2. Kan uummatichaa gamtaan tokkuummaa kan ta'an albaadhumaa, kan waa'ee hin baafnee yookaan kan itti kan miidhaman kiristaanoota ifatti mana murtiitti harkisuu dhabamsiisuutu irra jiraata. Tokkoon tokkoon amanaa itti gaafatamummaa wal qabate qaba, mootummaa Waaqayyootiif. Dhuga baatiin keenya murteessa dha.

3. Ta'us waldaan kiristaanaa amantootaa giddutti jaarsummaa bu'a qabeessa ta'e gochuun hin dandeenye. Kun kan amantootaa raawwii bakka ol ka'aa miti, bal'isuudhaaf dhimmicha qabu, isaa fi kan fayyadan wantooti ta'an yookaan bukkeedhaan seera qabeessa wantooti hin taane.
4. Kan of duukaa buusu tokko hiika kan ta'u ogeessa seeraa kiristaanaa gamtaa qabeenyaa hafuuraati wajjini dha (jechuun qulqulluun sagallee isaa, ogummaa gaarii kan kana fakkaatan, namuusa seeraa osoo hin ta'in innis wantoota seera qabeessa kan ilaaluu kiristaanootaa wajjin kan wal qabate. Amantoonni (amanaa namoota seeraa innis seera kan ilaalatee dhimmicha irratti gaheen geggeesummaa kan taphatan geggeessuu Waaqayyootii fi geggeessummaa cimaa sarara gaafachuun irra jiraata. Seericha raawwachuudhaaf hanga filataniin. Kunnis amantoota giddutti jaarsummaa gara hundeesisuutti bakka ol ka'aatti ol jedha.

Ammam illee Kakuu Haaraan seenaadhaa fi aadaa irraa haalawwaan yoo ta'es hundee qabeessi kan ilma namaa rakinnaaf gar tokkotti jechuun akkana miti. Waaqayyo kan dubbatuu karaa barreefama kanaati, akkasumas amantootni sagalee isaatii fi fedha isaa dirqamatti dhaga'uun kan irra jiraatu, jaarraa 1 Girik-Roomaa karaa ramaddii ta'uu hin qaban. Barreefamni kun waamicha amantootaatiif kan dhi'eesan wal falmii seera keessaa ala ba'ee gara caaluu Kieristoosiin fakkaachuuti akka guddatanii dha. Isaan waamicha kan godhan waldaan kiristaanaa bakka ol ka'aa ishee akka sirreesituu dha. (Akkuma makuraabii mana murti). Isaan kan nutty iyyaa jiran dhuunfaatti wanti ati dhabduu mootummaa Waaqayyoo irraa kisaaraa irraa fooya'uu isaati (jechuun Wangeela).

Waldaa ishee xiqqoo yeroo namuusaatti, hiriree kan turee amantoota giddutti wal hiikuun godhamee, albaadhummaa irraa, uummata falmuu wajjin wal makeerra, boqonnaa 5 fi 6 barreeffama murteessaa ta'anii dha, nuyii fi akka qayyabbannuu fi akka hojii irra oolchinnu walitti qabatti ta'ee (waldaa kiristaanaatii fi waldaa kiristaanaa wali gala) fi sadarkaa nama dhuunfaatti. Billisummaan Ameerikaa kan irratti hunddaa'ee wal qixxummaa seera jala jiruu irratti. Kana jechuun akka amantotaati addunyaa lama irra akka jiraanuu dha, inni tokkoo sivilii inni tokkoo nama hafuuraa. Seerri keenya seera qabeessa balleessuudhaaf ija hin jabaanne, haa ta'uu malee lammumaa keenya waaqa irraa dirqaatti yaadachuu qabna. Biyyi lamaanuu balleessuudhaa fi ija hin jabaanu, haa ta'uu malee: biyya lamanuuti mirgaa fi dirqama qabna. Biyyi inni tokko garuu dursa jiraata (6:19-20)!

Amantoonni tokkoo tokkoo dhimma wal falmii fi sirrummaa wal falmee sababoota ta'an adda baasaaniti kan ilaalaan. Nuyii hundumtii keenya ifa nu kennameen adeemu qabna. Qabiyyee barreeffama kana if asana itti dabala.

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

**I Qorontos 6:1-6**

**1Isin keessaa namni tokko obboleessa tokko irraa hadheessa yoo qabaate, namoota Waaqayyoof qulqullaa'aan duratti dubbicha ilaalchisuu irra, attamitti yaa'ii warra qajeelota hin ta'iniitti geessuuf ija jabaataa ree? 2Warri Waaqayyoof qulqullaa'aan biyya lafaatti akka faradan isin hin beektani ree? Isin biyya lafaatti faraddu erga ta'ee immoo, dubbii xixinnaa ilaaluudhaaf hin taatanii ree*? 3Nuyi ergamoota Waaqayyotti faraduuf akka jirru hin beektanii? Hammam caalaa dhimma jireenya biyya lafaatti hin farannu ree*! 4Egaa dubbii akkasii erga qabaattanii, attanitti warra waldaa keessatti dubbiin isaanii hin fudhatamne itti lakkooftu ree? 5Kanas isin qaanessuufan caafe; dhuguma, namni beekaan dubbii obboloota gidduu jiruuf firdii kennuu danda'u tokkichi illee isin keessa hin jiruu ree? 6Kanumaa iyyuu obboleessi obboleessa tokko yaa'iitti hadheessuu dhaqaaa ree?**

**6:1**
**NASB "Dhimma"**
**NKJV "Wanta"**
**NRSV "Iyyannoo"**
**TEV "Lola"**
**NJB "Iyyannoo"**

Kun fayyadama irra kan oole Konee Girikii waraqata irratti yeroo ta'uu kan argame Gibxitti. (1) "gocha" yookaan "gocha" (2) "Wanta seera" (3) "Rakkina" yookaan "kan jeequ" (4) "Daldala"yookaan "bittaa fi gurgurtaa (cf. Moulton and Milligan, the Voccabulary of Greak New Testament (kan Girikii kauu haara galmee jechoota) fuula 532). Lakk.2 qabiyyee barreefa ma kanaa caalatti wali gal. galmee warra Ateena irra akka hubannutti

Girikoonni haala aadaatiin mormii gar tokkotti jechuu qabu turan, bifa wal fakkatuun warri Roomaas akkuma kana. Bara Phaawulos Qorontos Giriki hin ture, Roomee malee (Bruce W. Winter, After Paul left Corinth, (Phaawulos Qorontosiin akka gadi dhiiseen) Herdmans, 2001 ilaali).

▣
**NASB** **"Ollaa isaa"**
**NKJV, RSV**
**NJB** **"Kan biraa"**
**TEV** **"Kiristaana kan biraa"**

Kun akkuma jirutti *heteros* dha (10:24, 14:17, Galaatiyaa 6:4). Girikii ishee durii gargarummaan ture *Alla* (jechuun, kan biraa kan wal fakkaatu) fi *heteros* giddutti (jechuun, kan biraan adda kan ta'e). gargarummaan kun Kone Giriki irratti (Girikii ishee duri seer-luga garagarummaa fayyadama akka qaban (amma badeera). Qabiyyeen barreefama kana fakkeenya gaarii dha. Asitti fayyadamni Heteros kan inni argisiisuu hidhata amalaa, Roomee 13:8 wajjin wal bukkee ta'uu isaaniti. Roomee 2:1 irratti jechichi hiika baay'ee qaba, tarii olla, lammii, yookaan Yihudii ta'uu danda'a. Goollabbiin hiiki barreefama kanaa "qulqulloota fuula duraa" gaalee jedhuudha. Ollaan bade garuu gara waldaa kiristaanaatti mana murtii deemuudhaaf utuu wali hin galin ta'uu danda'a (Maatihos 18:17, Yaaqoob 2:1-4) amantootaa wajjin jeequmsa jiru.

Dhugumatti ta'uu kan danda'uu, Phaawulos abbaa sadarkaa lamaa mallattoo kan qabuu ta'uu isaati. Rakkinni isaa, amanan isa hin amanee irratti dhimma qabu gara xadeecha waaqa tolfamaatti deemu akka hin dandeenyee dha. Amanaan amanaa biraa komatee xadeecha waaqa tolfamaa yoo dhi'eese caalaatti hamaa ta'a. Ani kanaan filladhuu hiikii lakk. 1 irra kan jiruu "olla" immoo "gargaaraa kakuu" yookaan "hidhata amanaa" akka ta'ee dha.

▣ **"Salphisuu"** jechii Girikii kun (jechuun, *tolmaō*) ergaa Qorontos keessatti yeroo baay'ee fayyadama irra ooleera, "wal amanuu" yookaan "sirrtti mirkaneefachuu" bifa jedhuun (6:1, 2 Qoro 6:2, 10, 11:21, fi Roomee 5:7, 15:15,18, Yihuuda9).

▣
**NASB, NKJB** **"Warra tolaa hin ta'in fuuula durratti gara seeraa deemu"**
**NRSV** **"Warra tolaa hin ta'in fuula dura gara mana murtii deemuu"**
**TEV** **"Gara abbaa murtii hin amanee deemu"**
**NJB** **"Cubbamoota irraa murtii barbaaduu"**

Phaawulos, amantoonni akka malee waa'ee qabamuu isaani hin dhiphannee, haa ta'uu malee kakuun kiristaanaa warra hin amanee fuula durratti mul'achuu isaati. Waldaa kiristaanaatti kan ta'u walitti dhuufeenya dhuunfaa furtuun isaa hafuura qulqulluu dha malee seera waaqa tolfamaa miti. Qajeelummaa nama dhuunfaa caalaa wangeeli baay'ee fayyada.

**6:2 "Hin beektaani ree"** 5:6 irratti yaadannoo jiruu ilaali.

▣ **"Toloota"** "toloota" (*hogioi*) jechu Kakuu Moofaa "qulqulluu" dha (*kadosh*) hiikii isaa "tajaajila Waaqayyootiif kan adda ba'e" (Ba'uu 19:6, Keessa deebii 7:6, 1 Qoro 1:2, 2 Qoro 1:1, Roomee 1:1, Efesoon 1:1, Filliphuus 1:1, Qolasihaas 1:2). Innis yeroo hundumaa kakuu haaratti abba lakk. Baay'eeti. Al tokkoo Filliphuus (4:21) irratti kan jiruu alaa, achitis tanaan, fayyadama irra kan oole maraadhaan. Fayyina jechuun kan kakuu amantii uummatichaa, maatii amantootaa ta'uu jechu dha. Mata duree addaa qulqulloota 1:2 irratti ilaali.

Sabi Waaqayyoo qulqulloota toli Yesus keessa isaani waan jiruuf (jechuun, himichii kan argisiisuu Roomee 4, 2 Qoro 5:21). Jireenya qulqulluu akka qabaataniif fedha Waaqayyoti (jechuun, ajaja xiyyaafataa dha Efesoon 1:4, 4:1, 5:27, Qolasihaas 1:22, 3:12). Amantoonni qulqulluu akka ta'an labsaniiru (ejjeennoo qulqullaa'uu) akkasumas immoo kan waamamaniif tooftaa jireenya qulqullinaatiif (qulqullummaa itti fufeenya qabu). Tolaa fi qulqulluummaan wali wajjin wal qaba chuu qaba mata duree addaa qulqullaa'u 1:2 irratti ilaali.

▣ **"Biyya lafaa irratti in faraduu"** ammam illee ergamoota adda baasee akka abbaa murtiiti akka raawwatan yoo heeres, dhugaan wal qabatee jiruu loogikiin isaa garuu qulqulloonis akka farradanii dha (Daani'el 7:22, 27, Maatihos 19:28, Luqaas 22:28-30, Mul'ataa 2:26, 3:21, 20:4). Yoomii fi akkamitti gaaffoollee cimaan.

▣ **"Akka"** kun hima haala sadarkaa 1 dha, innis tilmaama keessatti kan galchuu, qulqulluunni guyyaa dhumaa haloota irratti akka abbaa murtiitti akka hirmaatani dha.

▣

**NASB** **"Isinis ishee xiqqoo dhimma murtii ilaaluudhaaf kan hin geenyee dhaa"**
**NKJV** **"Isiniis wanta xinnoo murteessuudhaaf hin dandeesani"**
**NRSV** **"Isinis dhimma xiqqoo dhimma gadi aanaa murteessuudhaaf kan hin geenyeedhaa"**
**TEV** **"Isinis wantoota xixinnoo murteessuudhaaf kan geessan miti ree"**
**NJB** **"Isiniis dhimma xixinnoo hin geessani ree"**

Kun dubbii ga'isuuti, baay'ee ogummaa keessa ba'ee qabna kan jedhan tuqa! Jechi wal fakkaataan kun (jechuun, Anaxox) fayyadama irra ooleera, irbaataa Gooftaa irratti amala hin taanee argisiisuuhdaaf waldaan kiristaanaa Qorontos 11:27 , 9). Isaan amantoonni hin bilchaanne, nama hafuuraa adda ta'ee akka ta'anii dha kan isaan lakka'aan, qabatamaati garuu akkm godhani qorachuudhaa fi raawwachuun akka irra jiraatu hin beekan.

"Baay'ee xiqqoon" jechi jedhuu *micros* baay'ee guddaa kan wal dorgomuu dha. Phaawulos duraan dursee 4:3 irratti fayyadameera. Fayyadamni isaa kun ga'isa kana ol qabeera.

**6:3 "Ergamootati illee akka murteessitan hin beektaani ree"** seer-luga "eeyyee" deebii jedhu eega. Amantoonni taayitaa guddaa qabu ergamoota caala. Biyya lafaa kufee kana keessatti amantoota qabani jiraniif ejjennoo hafuuraa dhugaa kanaa hubachuun baay'ee itti ulfaata (13:12). Ergamoonni uumama kan turee tajaajilaa Waaqayyoo akka ta'anii fi namoota oolchuu ture (Ibiroota 1:14). Nama bifa Waaqayyoo fakkaatti isaatti kan uumame (Uumama 1:26-27), malee ergamoota miti. Namootaa fi Yesus kiristoos jireenya isaa kan laatee malee ergamootaaf miti (Ibiroota 2:14-16). Amantoonni guyyaa tokko ergamoota irratti hin farradu (jechuun, ergamoota hamoota seera Uumama 6, Maatihos 25:41, 2 Pheexiroos 2:4-9, Yihuudaa 6 yookin ergamoota hundumaa akka bittaa wali galaatti, ibsa haalaatiin Daani'eel 7:22, 27).

Akka xin-waaqummaa barsiisoota ergamootni yeroo hundumaa in hinaafu, Waaqayyo ilma namaa kufe jaallachuu isaaf, kunuunsa kennuufi isaa. Barri raawwii Yihudootaa barreefamni keessumatti kan inni cimsuu hameenya seexannaa wajjin kan adeemuu ijoollee Addaam tajaajilli jedhee Waaqayyoo waan aboomeef.

▣ **"Ammam dabalata"** kun kan callaqisiisuu gochama cimaa haalaati (jechuun, Ge), innis cimsa kan laatuu argisiisuuf fayyadama irra kan oole (cf.Multon's Analytical Lexicon, Revised,) hundee gochama tarreefama, kan irra deebi'amee) fuula 75.

**6:4 "Akka"** kun ramaddi 3 hima haalaati, hiikii isaas gocha jabaateedha.

▣ **"In teesiftuu" gaalee kana hiikuudhaaf karaan baay'een jiru. Akiina yaadaa**

1. Kan argisiisuu (hima) "in keessu"
2. Gaafachuu (gaaffii) "in keessuu hii?
3. (NJB, NIV) "in keessan"
4. Xiyaafataa (ajaja) "in kaa'aan"

Tuqaan isaa, kiristaanni xiqoon salphaadhaa fi dhimma biyya lafaa xiqaa murteessu danda'u qabudha. Fillannoo isaa haala fooyya'een ifatti gochuuf karaan lama jiru, barreefama kana ilaaluuf (1) inni kan argisiisuu abboota seera waaqa tolfamaa waaqessanii dha yookaan (2) innis kan argisiisuu miseensa waldaa kiristaanaati. Akkana yoo ta'ee kan itti fufee dubbii cigoo dha.

▣

**NASB, NJB** **"Eenyu iyyuu tilmaama keessa kan hin galchinee"**
**NKJV** **"Ulfina xiqqoo kan qaban"**
**NRSV, TEV** **"Ejjennoo tokko illee kan hin qabne"**

Jechi kun mataan isaa (jechuun, *exoutheneō* PERFECT PASSIVE PARTICIPLE (1:28 irratti Phaawulosiin fayyadama irra oolera Waaqayyo "wanta gadi deebi'aa" "waan tufatamaa" "wanta waa'ee hin baafne" akka fayyadu, ogummaa biyya lafaa salphisuudhaaf, waan ta'eef Waaqayyo mataan isaa ulfinicha haa fudhatuudhaaf. Asitti argisiisuu kan yaalu waldaa kiristaanaati ejjennoo tokkoo yookaan ogummaa geggeessuu kan hin qabnee dha.

Saba Waaqayyoo keessa xiqqoo kan ta'an isaan baay'ee guddaadha, sababni isaa ogummaan Waaqayyootii fi hafuurri rakinna hiikuudhaaf isaanii wajjin waan ta'uf, haala fooya'een kan barrataniif shaakala kan qaban kan in amanee abboota amantii caalaa.

▣ **"Waldaa kiristaanaa"** mata duree addaa 1:2 ilaali.

**6:5 "Isin qanneessuuf kanan jedha"** Phaawulos jecha kana yeroo hundumaa gargaarama (4:14, 6:5, 15:34, 2 Tesolloonqee 3:14, Tiitoo 2:8). Qanneessuuf isa tokkoo meeshaa hafuuraati, innis ceephoo fiduudhaafi dhugaadhaa fi amanmummaa kan qabu gochaa fi itti jal'achuu gochuudhaaf. Lakk.kun dubbii cigoo kana itti fufa.

▣ **"Akka kanaahii, isin gidduu namni hubataan tokko in argamnee hii"** kuni dubbii cigoo dha. Kanaaf beeka kan jedhuu waldaan kiristaana. Kun cimsa kan qabu gaafii alta'aa dirribi dha, innis "eeyyee" deebii jedhu kan eegudha. 4:7 irratti qabsiisa jiru ilaali.

**6:6 "Kanaafis isaan warra in amanne duratti"** keeyata hin qabu, kanaafiis cimsi isaa kaayyoon isaa qulqullinna kan qabu "waaqa tolfamaa kan waaqessan" abboota amantii dha.

## I Qorontos 6:7-8

**[7]Fuula yaa'iitti wal geessuun keessan iyyuu dadhabbii keessan argisiisa; dabaa yoo isin irratti hojjetan maaliif hin obsitan? Maaliifis hin miidhamtan*? [8]Isinoo ofii keessanii obboloota keessan warra amanan irratti iyyuu dabaa hojjettu, isaan in miitus*.**

**6:7 "Egaa"** 5:1 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Akkasumas, durattis"** gaaleen kun (jechuun, *ēdēmenoun*) akkuma beekamu, waldaan kiristaanaa kun durattis wantoota kana fakkaatan akka gootu dha. Duraan dursanii mo'amaniiru.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"Kufaati"** |
| **NKJV** | **"Kufaati ibsame"** |
| **TEV** | **"Raawwatee kan kufe"** |
| **NJB** | **"Badiisa"** |

Kun akuuma jirutti "xiqqaa" dha fayyadama irra kan oolee kufaati yookiin salphina bifa jedhuuni dha (2 Qoro 12:13, Roomee 11:12, 2 Pheexiroos 2:19-20).

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"Yoo miidhamtan in wayyuu? Yoo goowomfamtan in wayyuu?"** |
| **NKJV** | **"Miidhama yoo fudhatan in wayyuu? Mataa keessan goowomfamuuf dabarsitanii yoo of laatan in wayyuu?"** |
| **TEV** | **"Yoo miidhamtan isiniif kan wayyuu in turee? Yoo saamamtan isiinif wayya in turee?"** |
| **NJB** | **"Miidhama obsuu maaliif in fillanne, maaliif goowomfamuu in fillane"** |

Isaan lamaan kun amma kan hojii irra oolan kan argisisaani dha. Kan amantootaa mirgi dhuunfaa maqaa gaarii waldaa kiristaanaa irraa ergama caalaa kan fayyadan miti. Mootummaan Waaqayyoo kan mo'uu yoo ta'ee kristaanni tokko in mo'a ta'aa?

**6:7** waldaan warra lixaa, namoota dhuunfaa irratti cimsi iseen qabduu, wangeela walin dhoofteeti. Kan isaa itti fufeenya kan qabu cimsaan kan guute, walummaa gala, akka qaamaatti dogogoreera! Nuyi kiristaanummaa kan argisiifnu nuyii fi sadarkaa nama dhuunfaatiin kan nuuf ta'u dha, wangeelaan kan nuuf ta'u caala. Fayyineera (sadarkaa nama dhuunfaatiin) qaama isaa tajaajiluuf (1 Qoro 12:7). Amantootni dirqamatti kan Kakuu Haaraa ilaalcha biyya lafaa guddisuutu irra jiraata, biyya lafaa ija Waaqayyooti fi kan walitti qabame, karaa akeeka addunyaatiin ilaalii (jechuun, Maatihoos 28:18-20, Luqaas 24:47, Hoji Ergamootaa 1:8).

## I Qorontos 6:9-11

**[9]Egaa warri jal'oonni mootummaa Waaqayyootti akka hin galle hin beektanii ree? Hin gowwooninaa! warri halaleen, warri waaqayyolii tolfaman waaqesan, warri ejjan, warri gadhaa'an, warri nama**

**gadhoomsanis, [10]warri hatan, warri sassatan, warri machaa'an, warri maqaa namaa ballessan, warri nama saamanis matumaa mootummaa Waaqayyootti hin galan*. [11]Isiin keessa kaan warra akkasi turan, garuu maqaa gooftaa Yesus Kristosiin, hafuura Waaqayyo keenyaatiinis cubbuuttii dhiqattaniittu, warra Waaqayyoof qulqullaa'aan taataniittu, Waaqayyo durattis qajeelota taataniittu*. hojjedhaa*!**

**6:9-10** Phaawulos ifatti kan inni dirqamsiifamuu tooftaa jireenya dhuunfaa kiristaanaatiif (5:10, 11, 6:9-10) innis waldaa kiristaanaatti kan callaqisifamu. Fayyinni gocha murtii manaa qofa miti (jechuu, amantiin tolaa ta'u) innis jireenya jijjirameedha (qulqullaa'uu yookiis Kristoosiin fakkaachu Galaatiyaa 6:7). Mata duree addaa qulqullaa'uu 1:2 ilaali.

Waldaan kiristaanaa duratiis ammas "akka dogogortuu" in godhamti. Kun hojii irra kan oole kan ammaa xiyaafannaa yeroo ta'u gochama alta'aa ta'ee dha. Innis yeroo hundummaa hiikii isaa gocha adeemsa irra jiruu dhaabu dha.

**6:9 "In beektaani ree"** 5:6 irratti yaadannoo jiru ilaali. Walitti qabatti amantootni, fayyina isaaniitii fi hafuuraa isaan keessa bulee irraa kan ka'ee wantoota kana beekuutu irra jiraata! Haa ta'uu malee dayimawwaan (kan hin bilchaannee) amantoota fooni in <u>beekaan</u> !!! Isaan sammuun isaani kan qabamee seera biyya lafaa kufee kanaafi seexanaani (jechuun, mataa ofii dogogorsuu) bifa aadaatiin kan dogogoran, fi seexanan kan dogogoran 12:2).

▣ **"Cubbamoonni mootummaa Waaqayyoo akka hin dhaale"** Phaawulos kana ala lama kan inni teesise cimsuudhaaf (lakk.9, 10). Kunnis eeyyee Wangeelaa (Paradooksi) gara faallaa jiruutti fida. Fayyinni bilisa, hojii Kiristoosiin xumurameen garuu fayyinni kakuu sirriidhaa fi deebii itti fufeenya qabu gaafata. Kristoosin "toloota ta'uu isaani" amantoota labsani gara Kristoosiin fakkaachuuti dirqamatti guddachuu qabu. Galmii Waaqayyo yeroo hundummaa amala isaa kan callaqisisan saba tolaa dha. Kakuu Haaraan kana kan ilaalate akka Kakuu Moofaati. Kan Kakuu Haaraa amala jijjiirama hundee (Ermiyaas 31:31-34, Hisqeel 36:22-38) namooti fayyinnaafi hojii isaan godhan hojii Kristoos bakka bu'eera. Garuu kana jechuun Waaqayyo saba tolaa kan turee dheebuu isaa hin jijjiru. Inni kan jijjiiruu toofta galumsaati. Kanaan barri wangeelaa, amantootni kan ittiin jajjabataan dinqisifaachuudhaan malee badhaassan miti.

Ta'us "facaasuudhaa fi haamu" qajeelfama hafuuraa (Galaatiyaa 6:7) ammas amantootaa fi kan hin amanin irratti dhiibbaa qaba (boqonnaa 3). Kiristaanummaan ija hin qabne akkam nama gaddisiisa (Yohannis 15, Yaaqoob 2:14-26, 1 Pheexiros, 1 Yohannis). Innis mootummaa Waaqayyooti, waldaa hosiiftuu, namootaa dhuunfaa, fi warra badan irratti dhiibbaa qaba.

Lakk.9-10 irratti kan tarreefaman cubbuu kan raawwatee kiristaanni fayyuu dandaa'aa? Akkamiti? (lakk.11)! Kiristaanoonni cubbuu kana raawwachuu yoo itti fufee in fayyaa? Bu'aa Waaqummaa malee (ajajamu) in danda'u Waaqayyo wajjin kan qabu tokkummaa dhabbuun, qajeelfama hafuuraa dhabuun, wabbii dhabuun, kadhata faayidaa qabu dhabuun, waaqeffannaa dhugaa dhabuu, gammachuu dhabuu, ragaa dhabuu! Gatii ammam ga'uu basiisa!

Barreefamni baay'een Hojii ergamootaa irratti fi barreefama Phaawulos keessa jiru (Hojii ergamoota 20:32, 26:18, 1 Qoro 6:9-10 15:50, Galaatiyaa 5:21, Efesoon 5:5) mootummaa Waaqayyoo waa'ee dhaalu Yesus kan callaqosiisee (Maatihos 55:24).

## MATA DUREE ADDAA: KAN HINAMANNE (*APHISTĒMI*)

Jechi Giriikii *aphistēmin* kun akaakuuwwan xiin hiikaa bal'aa ni qaba. Haa ta'u malee, jechi Afaan Oromoo "hin amanne" jechuma kanarraa argamee dubbistoota hammayyaatiif itti fayydama ilaalcha gadhee akka qabaatu ni taasisa. Dubbifnu wlaiigalaa, akkuma yeroo hundaa, hiikkaa battalaa otuu hin ta'in furtuudha.

Inni kun firoomsee apo isa hiikni isaa "irraa" ykn "irraa fagaatee" fi *hestēmi*, "taa'uu" "dhaabachuu" ykn "qabsiisuu" jedhan walitti makameedha. Itti fayyadamoota (kan ti'oolojii hin taane) kanneen armaan gadii qalbeeffadhaa:

1. qaamumaan balleessuu
    a. mana qulqullummaati, Luq. 2:37

   b. Mana tokkorraa Mar. 13:34
   c. Nama tokkorraa, Mar. 12:12; 14:50; HoE 5:38
   d. Wantoota hundumarraa, Mat. 19:27,29
2. karaa siyaasaatiin balleessuu, HoE 5:37
3. sababa qabatamaadhaan balleessuu, HoE. 5:38; 15:38; 19:9; 22:29
4. seerumaan (hiikuun) balleessuu, Kes. 24:1,3 (LXX) fi Kakuu Haaraa, Mat. 5:31; 19:7; Mar. 10:4; 1Qor. 7:11
5. idaa balleessuuf, Mat. 18;24
6. dhiisuudhaan itti gaafatamummaa dhabuu argisiisuuf, Mat. 4:20; 22:27; yoh. 4:28; 16:32
7. gadhiisuu dhiisuudhaan itti gaafatama argisiisuuf, Yoh. 8:29; 14:18
8. eeyyamuuf ykn fedha argisiisuuf, Mat. 13:30; 19:14; Mar. 14:6; Luq. 13:8

Miira ti'oolojiitiin GOCHIMICHIS dabalataan itti fayydama bal'aa tokko ni qaba.

1. Haquuf, dhiisuuf, yakka cubbuu dhiisuuf, Ba'u. 32:32 (LXX); Lak. 14:19; Iyo. 42:10 fi Kakuu Haaraa Mat. 6:12, 14-15; Mar. 11:25-26
2. cubbuurraa deebi'uu 2Xim. 2:19
3. irraa fagaachuu dhiisuudhaan/ash godhu
   a. seericha, Mat. 23:23; HoE 21:21
   b. amanticha His. 20:8 (LXX); Luq. 8:13 2Tas. 2:3; 1Xim. 4:1; Ibr. 2:13

Amantoonni hammayyaa gaaffiiwwan ti'oolojii kanneen barreessitoonni Kakuu Haaraa waa'ee isaanii gonkumaa hin yaadin turan danuu isaanii ni gaafatu. Kanniin keessaa inni tokko ilaalcha hammayyaa amantii amanamummaa irraa adda baasuu wajjin walitti ni firooma ture.

Macaafa Quqlulluu keessatti namoonni kanneen namoota Waaqayyoonii fi wanta ta'e tokko keessatti hammataman ni jiru.

I. Kakuu Moofaa
   A. Kanneen warra basaastota kudha lamaan (kurnanii) dhaga'an, lakkoobsa 14 (cf. Ibr. 3:16-19)
   B. Korah, Lakkoofsa 16
   C. Ijoollee Eelii, 1Saamu'eel 2, 4
   D. Saa'ol 1Sam. 11:31
   E. Raajota sobaa (fakkeenyoota)
      1. Kes. 13:1-5, 18:19-22 (karaawwan itti raajii sobaa tokko beekan)
      2. Ermiyaas 28
      3. Hisqi'eel 13:1-7
   F. Raajoota (dubartoota) sobaa
      1. Hisqi'eel 13:17
      2. Nahimiyaa 6:14
   G. Dursitoota hamoota Isiraa'el (fakkeenyota
      1. Ermiyaas 5:30-31; 8:1-2; 23:1-4
      2. Hisqi'eel 22:23-31
      3. Mikiyaas 3:5-12
II. Kakuu Haaraa
   A. Jechi Giriikii kun jechumaaf jechatti *apostasize* dha Lamaanuu Kakuu Moofaanii fi Kakuu Haaraan itti abaasuu barsiisa hammeenyaa fi sobaa dhufaatii lamma duraa ni mirkaneessu (cf. Mat. 24:24; mar. 13:22; HoE 20;29, 30; 2Tas. 2:9-12, 2Xim. 4:4). Jechi Giriikii kun tarii jechoota Yesuus fakkeenya Biyyoo Maatewos 13, maarqoos 13 fi Luqaas 8 keessatti argaman calaqqisiisuu ni mala. Barsiisonni sobaa kunniin ifumatti kiristiyaanoota miti, garuu immoo isaan isuma keessaa ba'an (cf. HoE 20:29-30; 1Yoh. 2:19); haa ta'u malee, isaan amantoota akka waan gadhee hojjetanii fi hin guddanne gochuu danda'aniiru (cf. Ibr. 3:12).

      Gaaffiin ti'oolojii barsiisonni sobaa yomiyyuu taanaan kiristiyaanotaa? Kan jedhuudha. Sababa waldootii amantootaa naannoo keessa barsiisonni sobaa jiraniif inni kun deebisuuf ni ulfaata (cf. 1Yoh. 2:18-19). yeroo baay'ee barmaatileewwan keenya kan ti'oolojii fi kan gartuu amantii ta'antu gaaffii kana dubbisa Macaafa Qulqulluu (tooftaa waraabbii dubbisaa gama tokkoo looguu nama tokkootiif ragaa ni ta'a jedhanii luqqisan irraa kan hafe) otuu hin eeriin deebisa.
   B. Amantii ifa ta'ee;

1. Yihudaa, Yoha. 17:12
2. Simoon magnuu, HoE 8
3. Kanneen Mat. 7:13-23 keessatti waa'ee isaanii dubbatame
4. Kanneen Mat. 13, Mar. 4; Luq. 8 keessatti waa'een isaanii dubbatame
5. Yihudoota Yoh. 8:31-59
6. Himnewosii fi Iskindir 1Xim. 1:19-20
7. Kanneen 1Xim. 6:21
8. Himnewosii fi Pilaaxos, 2Xim. 2:16-18
9. Demaas, 2Xim. 4:10
10. barsiisota sobaa, 2Phex. 2:19-22; Yihudaa ww. 12-19
11. farra Kiristoosotaa, 1Yoh. 2:18-19

C. Amantii ija hin qabne
   1. 1Qor. 3:10-15
   2. 2Phex. 1:8-11

Nuyi darbee darbeeti kan waa'ee kitaabota kanaa yaadnu, sababni isaas ti'oolojiin tooftaa keenya (calvinism, Arminianixm, kkf) deebiiwwan itti gaafatama qaban aarsaa godhaniifi. Maaloo sababan mata duree kana kaaseef dursitanii natti hinmurteessinaa. Itti gaafatamni koo adeemsa qindaa'ina sirrii ta'eedha. Nuyi Macaafni Qulqulluun akka nutti dubbatu gochuu qabna malee, gara ti'oolojii yeroo ammaatti isa bobbocuu yaaluu hin qabnu. Inni kun yeroo baay'ee kan nama dhikkubsuu fi nama naasisu sababni isaas ti'oolojiin keenya irra jireenyi isaa kan gartuuwwan amantii, kan addaa, ykn kan walitti firoomaa (warr, hiriyaa lubaa) malee kan Macaafa Qulqulluu miti. Namoonni Namoota Waaqayyoo keessaa tokko tokko gara Namoota Waaqayyoo ta'uu diisuutti ni jijjiiramu (Fak. Rom. 9:6).

## Mata duree addaa:Dhaala amantoota

Macaafni qulqulluun amantootni wanta baay’ee akka dhaalan ibsa, sababa walitti dhufeenya Yesus Kristoos wajjin qabaniif, innis dhaaltuu hundummaa kan ta’ee (Ibiroota 1:2), isaanis dhaaltuu isaa wajjini (Roomee 8:17, Galaatiyaa 4:7)

1. Mootummaa isaa (Maatihos 25:34, 1 Qoro 6:9-10, 15:50)
2. Jireenya barabaraa (Maatihos 19:29)
3. Abdiwwaan Waaqayyoo (Ibiroota 6:12)
4. Waaqayyoo abdii isaa eeguu isaa (1 Pheexiros 1:4, 5:9).

▣ **“In dogogorinaa”** kun xiyaafannoo amma hojii irra oolee dha (The Expositor’s Bible Commentry PRESENT PASSIVE IMPERATIVE ) *The Expositor’s Bible Commentary* guca 10 fuula 223 akka jedhuutti inni kan giddu galleessa ammaati, jechuun “mataa keessa dogogorsuu dhaabaa” innis gochama alta’aa, kunnis yeroo hundummaa hiikii isaa “gocha tokkoo deemsa isaa dhaabaa” jechu dha. Kun asyndeton akka lakk.18 innis Konee Giriki boca seer-lugaa kan qabu ololqabuu yeroo ta’uu kan isa dubbisuu yookaan kan dhaggeefatuu xiyaafannoo kan hawwatu dha.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | |
| **NRSV** | **“Ejitoota”** |
| **TEV** | **“Namoota safu-malleessa”** |
| **NJB** | **“Sagagiltoota safu malleessa”** |

Kunni jecha wali galaa sagaagiltootaati (5:1[al lama], 9:10, 6:9, 11, 13, 18, 7:2, 10:8, 2 Qoro 12:21). Lakk.9-10 jaarraa tokkoo shaakalli waaqefannaa waaqa tofamaatiin cubbuu wal qabatee tarreessa (5:9-11), innis dhaabataati qunamtii saala gadhiisa kan itti raawwatamuu dha maqaa waaqa tolfamaa wal horuutiin.

▣ **“Waaqefatootni waaqa tolfamaa”** yaada Kakuu Moofaatiin amanaan jiruu, kan irra hamaan caalii in jiru. Fayyadamni jecha kanaa, tarreefama cubbuu keessaa kan mirkaneefamuu isaan shakala tarreefama waaqeffanaa waaqa tolfamaati. Qorontositti amantootni ormoota hundumtuu kan kan fakkaatan seena booda irraa kan dhufani dha (6:11). Phaawulos yaada-rimee kanaa (jechuun, waaqa tolfamaa dogogoraa waaqessuuf tajaajiluun) ergaa Qorontos irratti yeroo hundumaa fayyadameera (5:10, 11, 6:9, 8:4, 7, 10, 10:7, 14, 19, 28, 12:2, 2 Qoro 6:16).

▣ **"Ejitootaa"** jechi Girikii kun *moichos,* yeroo ta'uu, innis kan argisiisuu gaa'ila irratti kan godhuu wal qunamtii wal amanuu dhabu. Ergaa Qorontos keessatti as qofatti fayyadama irra oola.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Dubartummaa"** |
| **NKJV, NJB** | **"Wal qunamtii saala wal fakkaataa"** |
| **NRSV** | **"Dhiiraa wajjin ejja raawwachuu"** |
| **TEV** | **"Qunamtii saala wal fakkaataa"** |
| **NJB** | **"Gadi dhiisii"** |

Jechi kun (*malakos*) akkuma jiruutti lalafaa jechu dha. Innis wayyaadhaa fi fayyadama irra oolu danda'a (Maatihos11:8). Dubbi haalaatiin namootaaf fayyadama irra yeroo oolu ejjitoota dhiira agarsiisa, yeroo hundumaa dargagoota dhiiraa. Qunamtii saalaa wal fakkaataadhaaf barreefamni wayyuu Dictionary of Paul and his letters, (kan Phaawulosiif galmee jechaa ergaa isaa) fuula 413-414 ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Qunamtii saala wal fakkaataa"** |
| **NKJV, NRSV** | |
| **NJB** | **"Qunamtii saala wal fakkaataa"** |
| **TEV** | **"Jechi lamaan kan hiikamuu wali wajjin "qunamtii saala wal fakkaata kan raawwatan" kan jedhuu"** |

Jechi kun *arsenokoitē s*, (dhalaa fi *keitē*, tokko wajjin kan ciisu *arsēn*) kan inni argisiisuus qunaamtii saala wal fakkaataa dhiiraati (1 Ximoo 1:10, Room 1:27). Kun hawaasa Roomee keessatti rakkoo isa guddaa ture (Roome 1:26-27, 1 Xiimoo 1:10) akkuma ba'a dhi'oo durii hundumaa turee (Leewoota 18:22, 20:13, Keessa deebii 23:18). Isaan jechootni lamaan wali wajjin deeman kun lakk.9 irratti gocha qunamtii saala wal fakkaataa tarii kan argisiisu godhuu irraa kan jiruu (*arsenokoitai*) fi kan darbee (*malakoi*) kan isaan kanaa bifa cubbuu qunaamtii saalaati.

Baay'een dhiibbaan aadaa ammayyaa jira, qunaamtii saala wal fakkaataa akka tooftaa jireenyaa fillannoo sirritti godhani fudhachuudhaan. Macaafni qulqulluun isa akka tooftaa jireenya baditti godhee ceepha'a, Waaqayyo uumama isaatiif fedha inni qabu keessaa kan ba'e.

1. Innis seera uumamaa keessatti kan jiru horaa baay'aadhaa kan jedhuu abboomi cabsa.
2. Innis waaqeffannaa waaqa tolfamaatii fi amala aadaa kan qabuu dha (Leewota 18:22, 20:13, Room 1:26-27 fi Yihuudaa 7)
3. Innis Waaqayyoo irraa kan cabsatee ba'ee dhuunfaa ta'uu ibsa (1 Qoro 6:9-10)

Ta'ees, dhimma mata duree kanaa dhiisuu fuula dura Waaqayyo hamoota ijoollee namaa hundumaatiif jaalalli inni qabuu fi dhiifama jechuu cimsa. Kiristaanoonni jibbaa fi of tuulummaadhaani cubbuu adda ba'ee kana irratti murtii kennuudhaaf mirga tokkoo iyyuu hin qabatan, keessumati nuyi hundumti keenya cubbuu gochuun keenya beekamaa ta'ee utuu jiru. Kadhati, ququqamuun, dhuga baatiin, fi garalaafummaa naannoo kanatti baay'ee hojjetu, gara jabbummaan kan keessa guutee ceephoo caalaa. Sagallee Waaqayyootii fi hafuurri qulqulluun ceephicha godhu, nuyii yoo dhiifne iyyuu. Hundumtuu cubbuun qunamtii saala, isa kana qofa utuu hin ta'in , Waaqayyo duratti xuraa'oo dha, akkumas gara murtitti geggeesu. Qunamtiin saala Waaqayyo biraa kan nuu kennamee dha, innis namaaf kan ta'u, gammachuu, fi kan tasgabaa'ee uummata kan tta'u dha. Haa ta'uu malee wanti cimaan kun, miirii Waaqayyoo nuu kennee yeroo hundummaa gara hameenyaatti, of jaallachuutti, gammachuu barbaachaa "waan barbaadee yoo ta'ee iyyuu kan koo haa baay'atu" gara jireenya jedhutti jijjiira (Room 8:1-8, Galaatiyaa 6:7-8).

▣ **"Maqa balleesitoota"** 4:12 irratti yaadannoo jiru ilaali.

6:11 "Isin keessa tokko tokkoos akkanuma turtan" kun kan hin xumuramiin kan argisiisuu yeroo ta'uu, innis yeroo malee gocha itti fufuu kan ibsuu dha. Kunnis kan argisiisuu dukkana safuu kan ta'ee bara Phaawulositti aadaa waaqa tolfamaati (12:2), garuu immoo inni kan argisiisuu Kristoosiin kan ta'ee wangeella Waaqayyoo ayyaana daangaa in qabnee fi human jijjiramaati.

Isaan kan jijjiiraman jireenya waaqa tolfamaa waaqessu, wangeelaa fi dhuga baatii cimaa dha. Jijjiramichii garuu kan cimee fi kan xumuramee ta'utu irra jira, yeroodhaaf darbee darbees osoo hin ta'in. Isaan amma adda kan ba'ani dha amma iddoo bultii hafuura qulqulluuti, kan isaani galeedhas. Sareen gara ballaqama isaatti

yookaan Booyyeen gara dhoqeetti akka jedhuu deebi'uun isaan irra hin jiraatu (2 Pheexi 2:22). Biyya lafaa baduu ilaalaa jira!

▣ **"Garuu"** kan alla ibsa sadan barreefama Girikii isaan kan adda addaa sadii dhugaa hafuura ibsuudhaaf fayyadama irra kan oolan hubadhu.

1. Dhiquu
2. Qulqulleessuu
3. Tolaa ta'uu kan raawwatan ilmaa fi hafuura qulqulluudhaan, karaa amantii keenyaa, deebii qalbii jijiirannaa

▣ **"Dhiqatanitu"** kun kan gocha giddu galleessaa kan argisiisuu dha. Kun argisiisuu kan danda'uu ka'umsa cuuphaa, feedhaan, kan argamuu, gocha fakkeenyaa, kan keessaa qulqulleessuu (Hoj.erg 2:38, 22:16, Tiitoo 3:5). Hiikonni baay'een gaalee kanaa kan hiikaani akka hojii irra ooleetti, hiika Williihams irraa kan hafee, innis "mataa keessan dhiqatani qulqullooftanitu" kan jedhu qaba. Ormoonni gara Yihuuditti yeroo jijjiiraman of cuuphuu turan, makuraabitti yeroo wal makan. Jechi kun sagallee giddu galleessa yoo ta'ee, akka Hojii ergamootaa 22:16, kunnis xin-waaqummaa kan heeruu ta'a Hisqeel 18:31 kan jiruu itti gaafatamummaa kakuu ibsa ta'a, Waaqayyo irraa ka'umsaa guddummaa isaa wajjin wal makee (Hisqeel 36:25-27). Kunnis jecha haalaa qulqulleessuuf ta'uu danda'a (Tiitoo 3:15).

▣ **"Qulqullooftaanitu"** kun gocha xumuramee kan argisiisuu dha, innis du'a Kristoosii fi kadhataa hafuura qulqulluu (kadhachuufi) (1:2, 30) mata duree addaa mana qulqullummaa 1:2 ilaali.

▣ **"Toloota taatanitu"** gocha hojii irra oolee kan argisiisuu dha. Amantoonni kan tolaa ta'anis ta'ee kan qulqulla'aanis yeroo amananitti (Room 8:29). Kun ejjeennoo bakka xin-waaqummaa jireenya Kristoosiin fakkaachuu gaafata. Mata duree addaa tola 1:30 irratti ilaali.

▣ **"Maqaa gooftaa keenyaa Ysus Kristoosiin, fi hafuura Waaqa keenyaatiin"** gaaleen kun tarii kan cimuu "dhiqatanituu" "mataa keessan dhiqatanitu" kan jedhuu lakk.11 irratti hiikoota jiran cuuphaa ilaalachiisuudhaan (Room 10:9-13). Waldaan Kristaanaa isheen durii hawaasa duratti godhamaa kan turee dhuga baatiin amantii cuuphaa ture. Cuuphamtooti amantii isaani kan jabeessan jecha isaanitiin "Yesus gooftaa ta'uu isaa nan amana" yookaan ibsa amantii wal fakkaataa jechuudhaan ture.

Gaalee laman "hafuura qulqulluun" heeramuun isaa ta'uu kan qabu ibsa amantii kan heeruu dha Maatihos 28:19 "maqaa Abbaa, Ilma, Hafuura qulqulluutti isinaan cuupha" kan jedhuu irratti hundaa'uudhaan. Kan nama ajaa'bsiisuu, Phaawulos yeroo hundumaa "maqaa isaatiin" jechaa 1 Qoro , seensa boqonnichaa irratti kan jalqabuu dha (mata duree addaa 1:10 irratti ilaali).

1. Amantootaaf karaan argisiisuu ("eenyuu..maqaa isaa akka waamuu" 1:2)
2. Amantootaa karaa jajjabeesuu(1:10)
3. Taayitaa Phaawulos karaa cimsuu (4:5)
4. Maqaa isaa waamuu ka'umsa gochaa amantootaaf karaa heeruu (6:11)

Maqaa isaa kan bakka bu'an qaama Yesus, taayiitaa, amala fi ejjeennoo dha.

Kun ifa kan ta'e kan heeramee dha, sadan tokkummaa isaa kan ta'ee hojii oolchuu Waaqayyoo (lakk 10-11). "Waaqa sadan tokkoo" jechi jedhuu jecha macaafa qulqulluu miti, haa ta'uu malee yaad-rimee isaati. Yesus Waaqummaa ta'ee fi qaama hafuura qulqulluu yoo ta'ee, itti fufees argamuun Waaqummaa tokkoo kan bara baraa sadii, ibsa qaama in qabaata. Mata duree addaa: Waaqa sadan tokkoo 2:10 ilaali.

## I Qorontos 6:12-20

**[12]Namni, "Anaas wanti hundunuu dhowwaa hin qabu" jedhu jira; garuu wanti hundinuu immoo isa hin gargaaru; anis, "Wanti hundinuu dhowwaa hin qabu" nan jedha, garuu waan tokko ana irratti gooftummaa hin godhatu*. [13]Namni tokkos, "Nyaanni garaachaaf kenname, garaachis nyaataaf kenname" in jedha; Waaqayyo immoo isa kanas isa sanas, lafatti in dabala. Dhagni garuu hojii halalummaatiif namaaf hin kennamne, gooftaanis dhagna namaatiif in yaada*. [14]Waaqayyo immoo goofticha kana du'aa kaaseera; nus akkasuma humna isaatiin du'aa nuu kaasa*. [15]Dhagni keessan bu'a dhagna Kristos akka**

**ta'e hin beektani ree? Egaa bu'aa dhagna Kristos fuudhee bu'aa dhagna gaalamootaa godhuu ree? Matumaa kun hin ta'u*. [16]Yookiis namni gaalamootaa wajjin walitti maxane, ishee wajjin dhagna tokko akka ta'u hin beektani ree? Akkuma caafamee jiru, "Isaan lachanuu foon tokko in ta'u" jedha*. [17]Inni gooftaa wajjin walitti maxxane immoo hafuraan isaa wajjin tokko in ta'a*. [18]Halalummaa baqadhaa! Cubbuu namni hojjetu keessaa warri kaan hundinuu dhagna namaa hin tuqan, namni halaleen garuu dhagna isaatti cubbuu hojjeta*. [19]Dhagni keessan mana qulqullummaa hafuura qulqulluu isa isin keessa jiru ta'uu isaa hin beektaniree? Hafuura kanas Waaqayyo biraa argattan; mana qulqullummaa hafuura isaas erga taatanii, isin kan ofii keessanii miti*. [20]Waaqayyo gatidhaan isin bitate; kanaaf guutummaa dhagna keessaniin waan inni ittiin galateeffamu**

**6:12**
**NASB, NKJV**
**NRSV** **"Hundumtuu anaaf seera qabeessa"**
**TEV** **"Tokko jechuu in danda'a, 'hundumaa gochuudhaaf naaf hiyyamameera'"**
**NJB** **"Anaaf wantii hundumtuu naa hiyyamameera"**

Kun tarii kan argisiisuu Phaawulos duraan dursee kan inni dubbateedha (10:23, Room14:2, 14, 20) garuu, inni qabiyyee barreefama kanaa irraa fudhateera (1)Amantoota Yihudootaaf seera qabeessummaan yookaan (2)Birmadummaa barsiisoota sobduu, isaanis birbadummaa kiristaanaa cubbuu raawwachuudhaaf akka hiyyama waraqataa godhani kan fayyadamani (Galaatiya 5:11, 1 Pheexi 2:16). Phaawulos karaa fayyinaa deemuudhaaf yaalaa jira, wanta rakkisaa lamaa, akkasumas lamaanuu utuu dubbatu.

Tarii kun barsiisoota sobduu Phaawulos irraa kan heerame dhaadannoo ta'a, yookaan barsiisoota sobduu inni kan labsee barreefama isaa keessaa isa tokkoo fudhatee, naannoo biraatti jecha isaa kan babali'isaani dha (6:12, 13, 7:1, 8:1, 4, 10:23) (1) The Cambaridge history of the Bible guca tokko fuula 244 fi (2) Kleim, Blonberg, fi hubbard, introduction to Bible interpretation, fuula 362-363). Isaan kan dubbatan miti dogogora kan ta'u, haa ta'uu malee dhugaan isaa daangaa murtaa'eef dabarsanii fudhachuu isaaniti. Phaawulos tooftaa kana yoom akka gargaaramu beekuun rakkisaa dha. Safartuun itti fufee jiruu akka yaadaatti hin gargaaraa ta'a.

1. Inni, Phaawulos mataa isaa barreefama biraa keessatti wanta jiruu dha (10:23, Room 14:2, 14, 20).
2. Inni ibsa gabaabaa walitti qabaa dhugaati (akka fakkeenyaatti kan jiru).
3. Hundumtuu macaafa qulqulluu haala dhugaati, haa ta'uu malee akka fayyadama isaatti hojii irra oolchuun daangaa qaba. Ammami illee fakkeenya yookaan sadarkaa haala dhiibbuu hin danda'u. isaan yeroo hundummaa hojii irra kan oolchaan isa guddaa tokko qabu.

Phawulos yaalaa kan inni jiruu dhugaa ta'uu qabu immoo dhaabuu dhaa fi babal'isuu sirrii hintaanee daangaa itti gochuu dha. Kun dhimma hika barabaraaniiti!

▣ **"Wanti hundumtuu garu hin gargaaru"** lakkofsi kun kan dubbatu birmadummaa kiristaanaa siritti waa'ee itti fayadamuuti, innis dirqamatti hojirra ooluu kan qabu jaalala mataa ofi murtesudha (10:23, 14:26, Rom 14:19, 15:2). Qaama Kiristoos ijaruu mirga nama dhunfaatifii bilisummaa caalaa hin caala.

▣ **"Irra kan buufatu"** kun jecha walmakaa Girikiiti, hiikii isaas "hundumaa waltti fiduu, faayidaa isa tokkoon" (6:12, 7:35,10:23, 12:7, 2 Qor 8:10, alta'aa dha 12:1 irratti). Kuns cina ibsa Phawulos faa godha Rom14:19,15:2,1 Qor 10:23, 14:26, 2 Qor 12:19, Eph. 4:12, 29. Amantoonni Kiristoosiin bilasa ta'uu isaanii qofaan wantii hundumtuu amantoota kan biraa hin qulleessa jechuu miti. Birimaddummaa keenya jaalalaan daagessuu qabna, Goftaa dhaaf wadaa kiristaanaa tiif jennee. Nuti yeroo hundumaa fayadama fayaa qaamasaaf hinbarbaanna (1 Qor 12:7).

▣
**NASB** **"wanta tokkofuu hinbitamu"**
**NKJV** **"to'annaa enyuu jalayyuu hinta'u"**
**NRSV** **"wantokkofille hinbitamu"**
**TEV** **"wanti tokkollee akka garba nagodhatu hin iyamu"**
**NJB** **"waan tokkoof akkan hinbitamne murteeseera"**

Kun raajii hojira oole kan agarsisu, jecha Giriikiiti exousia. Jechi kun fayadama tarrefama bal'aa kan qabu

1. Abbaa taayitaa
2. Aboo seeraa
3. To'annaa
4. Human
5. Human uumamaa ol ta'e

Phawulos yoomiif essa kanatti hika bayyee kana tilmaama kessa osoo hingalchin hin hafne. "sirrii kan ta'ee" (*exestin*) fi "kan bitame" (*exousiasthē somai*) kan jedhu gidduti tapha jechaa ifaatu jira. Inni kan hinfudhane

1. Ilmmii nama tokko iyyuu isa irratti akka murteesu aboo akka qabu. (2:14-15, 3:4-5)
2. Enyuyyuu qaami uumamaa olii isa irratti aboo akka hinqane (12:2 kan hinamanne sexanaan gegeefaman akka dogongoran)
3. Tokkollee birmadummaan dhufaa ykn filannoon dhunfaaykn walqorun dhunfaa (jechuun, *tinos*, kanhinmurtoofnee maqadhaal maxantuu lakkofsa qenxee faladhaan *panta* fayadamni diribbin lakkosa kanatti)

Taayitan Phawulos Kiristoosirraa ture. Kiristoosiif afura isaati kanto'atef afuraan kan guute. Mataa ofii bituun dhugumatti isa tokko ija afurati (Gal. 5:23, Hoj.Erg 24:25, 2Phe 1:6). Phawulos birmadummaa isaa to'atera, akasmas wangelaan badhaadhera, nutisi akkana gochuu qabna!

Phawulos kan cimsu birmadummaan Kiristoos rawwii fedha dhunfaaf carraa akka hintaanedha. Gaarii kan ta'an wanti ba'een sirrii kan hintaane yaadi kessaa, halawwan, ykn halota ta'uu danda'u (Rom 14:23). Kun birmadummaa KIristaanaatii fii dhimma itti gaftamummaa ergaanQorontos dhimma guddaadha. Dhimmi kun Rom14:1-15:13 ka'era. Anis dhimma mata duree kanaa irratti tarefam Roomee irratti kanan techise bantuu yaada ijoo eeruun fedha.

## Qabiyyee barrefama Rom 14:1-15:13

A. Bonnaan kun itti gaafatamuummaa fi birmadummaa Kiristaanaa jiru ayawoo (phaaraadokis) madalamaa gochuu yaala. Qabiyeen barrefamaa 15:13 karaa kan ce'a.
B. Boqonnaan kun rakinniinnii fidee ta'u kan qabu waldaa kiristaanaa Roomeettii ormootaa fi amantoota yihudota gidduutti walfalmii turedha. Jijjiiramuu isaanii fuldura seera kan jabesan yihudoti turan, akkasumas immoo waaqa tolfamaa kan waqesan safumalesi turan. Boqonnaan kun ga'uu kan barbachisee dukabutuu qajeloo Yesus akka ta'e yaadadhu.boqonnaan kun amatoota foonii kan ga'u miti (1 Qor 3:1). Yaadi guddaan garee lamanif akka ga'udha. Karaa barrefama lamanitin balaa qaba. Ibsi kun cittuu rifensaa ykn oftulummaa kan qabu kan dhunfaa fedha birmadumma waraqaa iyamaa miti .
C. Barumsa waaqayyumma mataa isaanii ykn namusa (eetikisi) amantoonni hundumtuu safartuu akka ta'u gochuu dhisuraa dirqamattii ofeegachuu qabu (2 Qor 10:12). Amantoonni dirqamattii ifa qabaniin ademuu qabu, hata'u malee barumsii waaqayyummaa isaannii akkuma sanaan xin-waaqummaa akka hintaanee hubachuutu irra jiraata. Amantoonnii ammayyuu cubbuudhaan midhamaa jiru. Nutii tkkoo isa tokkoraa dirqamattii jajabaachuu, walgargaaruu, fi waliraa barachuutuu nurra jiraata, sagalee isaaraa, yaada isaaraa, fi shakala jirenyaa irraa, hata'u malee yeroo hundumaa jalalaan. Baayee kan beeku baayee yeroo beeku hinbeeku (1 Qor 13:12)!
D. Waaqayyo duratti gartokkotti jechuun nama tokkoo fi yaadi isa kessaa gochaa mataa isa madaaluuf wantoota furtudha. Kiristaannoni akkam akka wal godhan Waaqayyo durratti murtiifii dhaabatu (lakkofsa 10,12 fi 2 Qor. 5:10).
E. Maartiin Luuter, "namni kiristaanni hundumarra kan caalu gooftaa birmadduu dha, waan tokkon hinqabamu, namnii kiristaanni warra kaan irra caalaa hojetaa ciimaa dha, hundumaaf hintajaajila" jedhera. Dhugaan macaafa qulqulluu yeroo hundumaa kan dhiyaatu falmiin kan gute ayaawoo (pharaadokis) dha.
F. Wanti rakkisaan kun garuu dhimmaa mataduree murtessaa kutaa barrefama wali galaa Roome ilaalateera (14:1-15:13) akkasumas immoo Qorontos 8-10 fi Qolasiyaas 2:8-23.
G. Ta'us, taa'u kan qabu pluralizimii inni jedhamu amantoota qajeeloo giddutti hamaa akka hin taanee dha. Tokko tokkoon amanaa jabinas ta'ee dadhabbi qaba. Hundumtuu ifa isaa kennameen adeemuutu irra jira, yeroo hundummaa hafuura qulquulluu fi Macaafa qulqulluudhaaf banaa haa taanu ifni

baay'een akka galutti. Karaa foddaatiin bara dimimisi argamu (1 Qoro 13:i8-13) tokko dirqamaati jaalalaan (lakk.15), fi nagaa (lakk.17, 19) deemutu irra jira, qulqullina wali galaaf.

H. "Jabaa" fi "dadhabaa" kan jedhuu kan adda baasuu, innis, Phaawulos garee kanaaf kan inni kenne nuyiif dursa murtii nuuf ta'eera. Kun dhugumatuu yaada Phaawulos in ture. Garee lamaan amantoota qajeeloo turan. Kiristaanoonni kan biroon bifa keenyaan tolchuun nurra in jiraatu! Tokkoon keenya tokkoof Kristoosiin fudhaneera!

Qabiyyee barreefama Roomee 15:1-13

A. Waa'ee birmadummaa kiristaanaatiif itti gaafatamummaaf kan godhamee ibsa boqonnaa 14 irraa kan itti fufeedha.
B. Falmiin walii galaa yaada ijoo taa'uu kan qabu
   1. Wal fudhachuu, sababni isaa Waaqayyo Kristoosiin waan nu simateef (14:1, 3, 15:7),
   2. Wali walittii murteessuu dhiisuuu, sababni isaa gooftaan keenyaaf abbaan murtii Kristoos qofa waan ta'eef (14:3-12)
   3. Jaalalli baay'ee barbaachisaa dha bilisummaa dhuunfaa caalaa (14:13-23)
   4. Fakkeenya Kristos duukaa bu'aa akkasumas mirga keessaan kan biraa qulleessuudhaaf waan gaariidhaaf oolchaa (15:1-13)
C. 15:5-6 kan wali gala qabiyyee barreefamaa 14:1-15:13 abbaa akeekaa sadii kan callaqisiisuu
   1. Wali wajjin tokkummaan jiraachuu
   2. Fakkeenya Kristoos duukaa hordofanii jiraachuu
   3. Lapheedhaa fi afaan tokkoo ta'ani galata tokkummaa Waaqayyoof dhi'eesu.
D. Falmiin wal fakkaataa kun jechuun birmadummaa dhuunfaa gidduu fi itti gaafatamummaa wali wajjin jiruu kan ilaalatuiu 1 Qoro 8-10 fi Qolasihaas 2:8-10 irratti ilaali.

**6:13**
**NASB "Nyaatii garaadhaaf"**
**NKJV "Nyaatii garaadhaaf, garaanis nyaataaf"**
**NRSV "Nyaatii garaaf yeroo ta'uu garaanis nyaataaf"**
**TEV "Tokko immoo jechuu in danda'a, nyaatii garaadhaaf, garaanis nyaataaf"**
**NJB "Nyaatii garaadhaaf, garaanis nyaataaf"**

Kun dhaadannoo kan biraa ta'a. innis kan inni argisiisuu sirri kan in taane, hiika wal fakkiti, kan warra birmadoota barsiisoota sobduu. Phaawulos kan cimsuu isaan kan jedhan qaama dhugaa qaba (Maariqos 7:19). Phaawulos tokkoo illee

1. Jecha cimaadhaan fayyadamuu tooftaa barreefama gargaarame, innis kan mormuu kan fakkaatu kan isaa tuqaa xin-waaqummaa fayyadameera.
2. Dhaadannoo barsiisoota sobduu heerera, kutaa murtaa'ani kan dhufan barumsaa Yesus irraa yookaan barumsa Phaawulos irraa ta'u danda'a.

▣ **"Waaqayyo garuu lachannuu balleessu danda'a"** kunni kan itti fayyadamaa jiruu motummaa kan heeruu dha. Nyaati yeroodhaaf qofa, bara baraan miti. Yesus erga du'aa ka'ee booda qurxumii nyaateera (jechuun, Yohannis 21), kun garuu sodaa irratti kan turan duuka buutu daawwannaa akka tasaa turee malee isaafi foon isaatiif barbaachisaa miti. Yesus waa'ee afeera Masihii immoo dubbatee ture (jechuun, Luqaas 22:30), kun garuu immoo waa'ee tokkummaaf kan ta'ee dubbii haalaati malee, fedhii foonii kan irra deebi'u miti.

"In dhabamsiisa" (NASB) yookaan "in balleessa" (NKJB) gaaleen jedhuu *katargeō*. dha. Phaawulos jecha kana yeroo 27 itti fayyadameera, haa ta'uu malee bifa adda addaatiin. Mata duree addaa: *Katargeō* 1:28 irratti ilaali.

▣ **"Fooni garuu ejjaaf miti"** kun ifatti kan argisiisuu babali'ina sobaati. Namootni haala duinqisiisaadhaan kan uumaman jireenyaa fi guddina isaatiif, biyya lafaa kana irratti. Ta'us, Waaqayyoo kan isaaniif kennee daangaan tokko tokkoo jira, dheeraa, gammachuu, ija qabeessa jiraachuu mirkaneessuuf. Haga kuufaatiiti (Seera uumamaa 3), namootni kan isaan barbaachiisuu qabachuu, boqonnaa dhuunfaa, dhuunfaa isaaniitti kan yaadaan argachuudhaaf in danda'uu turan, kan barbaaduu yoo ta'e!

▣ **"Fooni….gooftaadhaaf, gooftaaniis fooniif"** gaalleewwaan kun firooma wal cinaa qabu. Kan amanatuu amantoota gooftaadhaaf ta'uu isaaniti (lakk. 20, 7:23, Hoji ergamootaa 20:28). Innis foon isaanii tajaajila mataa isaatiif, kaayyoo mataa isaatiif itti fayyadamuu barbaade. Kun tari tapha jechaa ta'a, waa'ee qaama namaatii fi waldaa kiristaanaa Kristoos akka qaamaatti.

**6:14** Kakuu Haaraatti waa'ee du'aa ka'uu Yesusi fi du'aa ka'uu amantootaaf ibsa kan ta'ee boqonnaa 1 Qoro 15 ni dha.

Akka yaada ilaalcha Girikiiti (jechuun, qaami foonii hamaa dha kana jedhuu) cimsa itti kennamuu kan qabuu yaadi macaafa qulqulluu fooni salphisuu dhiisuu isaati. Asitti qabiyyee barreeffamaa mataa isaatiin foonii

1. "Gooftaadhaaf" hojjetameera (lakk.13)
2. "Qaama Kristoos"(lakk.15)
3. Iddoo bultii hafuuraa kan ta'ee mana qulqulluummaa (lakk.19)
4. Kristoosiin ulfeessuudhaaf (lakk.20)

Foonii hamaa miti. Innis in ka'a, kan bara baraa qaama mootummaa waaqa in ta'a. ta'us, inni kan qoramuu bittaa fi kan cubbuu safuu dirree lolaati. Yesus mataan isaa qaamaan waldaa kiristaanaatiif kennameera. Amantiitni fakkeenya isaa dirqamatti hordoffuutu irra jiraata (1 Yohannis 3:16).

▣ **"Waaqayyoo gooftaa qofa du'aa in kaafne"** (*A Textual commentry of the Greak New Testament Bruce M. Metzger* keessatti barreeffama Girikii garagarummaa ibsa, gochama yeroo wajjin kan wal qabate.

1. "Kan godhamee MSS $^{p46\ c2}$ B
2. Kan ammaa MSS p11, $P^{46}$, A, D*
3. Kan raajii MSS $P^{46\ C1}$, a C, $D^3$

Yeroon raajjii qabiyyee barreefamaa wajjin wal cinaatti wali gala, akkasumas 2 Qoro 4:14 (fuula 552, $UBS^4$ "B" [guutudhaa guutuuti ta'us yoo baatee sirrii dha]).

Gaaleen kun akka tasaa kan ta'ee ajaa'ibsiisaadha, Kakuu Haaraan yeroo hundumaa hojii fayyisuu qaama sadii fi kan ta'eef Waaqaf kennamuu isaa.

1. Waaqayyo abbaa Yesusiin kaasee (Hoj.erg 2:24, 3:15, 4:10, 5:30, 10:40, 13:30, 33, 34, 37, 17:31, Roomee 6:4, 10:9, 1 Qoro 6:14, 2 Qoro 4:14, Gaala1:1, Efesoon 1:20, Qolas2:12, 1 Tesso 1:10)
2. Waaqayyo ilma mataa isaa of kaase (Yoha 2:19-22, 10:17-18)
3. Waaqayyo hafuura qulqulluu Yesusiin kaasee (Roome 8:11)

▣ **"Innis nuu kaasaa"** Phaawulos Kristoosi wajjin kan jiru yeroo sanatti walitti dhuufeenya dhuunfaa gammachuudhaan ture (6:17). Kunnis kan Phaawulos ga'umsa raawwii mirkaneefamee dha(C. H. Dodd) akka dhugaa isaati, mootummaan Waaqayyo bara Phaawulos dhufeera jireenya kanaan, kanaafis jireenya dhufu qofatti kan kennamu ta'a.

Phaawulos immoo, Yesus dafee akka deebi'uu amaneera. Barreefama tokko tokkoo keessatti Phaawuloos kan cimsa laatuu inni Kristoosiin deebi'ee dhufuu jireenyaan akka ta'uu dha (1 Tesso 4:17, 1 Qoro 15:51-52, Filli 3:20), ta'us barreefama biraa irratti mataa isaa warra du'aa ka'aani wajjin wal qabsiiseera (1 Qoro 6:14, 2 Qoro 4:14). Guutummaan Macaafa 2 Tessolonqee kan argisiisuu deebi'ee dhufuu turee dha, Maatihos 24 qoodama, Maaariqos 13fi Luqaas 21 akka argisisanitti.

Deebi'ee dhufuun isaa dhaloota kiristaanaa tokkoon tokkoon isaatiif abdii dha, haa ta'uu malee qabatamaati kan dhaloota tokko qofa, ta'us qaama haaraadhaa fi haala dhi'eenya tokkummaa ka'umsa isaa dhugummaatti amantoota hundumaatiif!

## Mata duree addaa:Yeroo kamitti deebii Yesus faallaa isaatiin sichii dha kan Kakuu Haaraa ayyoota (paradooksi)

A. Raawwiin Kakuu Haaraa keeyati inni argisiisuu raajjii Kakuu Moofaa keessatti callaqisu, isaanis raawwii yerichaa kan yeroo.

B. Maatiwoos 24, Maariqoos 13 fi Luqaas 21 hiikuun baay'ee rakkisaa dha, sababi isaa cinaan kan ta'aan gaaffi baay'ee wajjin wal qabatuuf.
   1. Mannichi qulqullimma yoom diigama?
   2. Mallattoon deebii Masihii yoom ta'aa?
   3. Raawwiin biyya lafaa yoom ta'aa? (Maatihos 24:3)

C. Kakuu Haaraan raawwati isaa keeyata argisiisaan shaarbeen yeroo hundumaa kan dhufuutii fi qooqa raajjiittiin wal makaa dha, isas ta'ee kan wal fakkaate baay'ee fakkeenya kan ta'u.

D. Kakuu Haaraatti keeyati baay'een (Maaatihos 24, Maari 13, Luqaas 17 fi 21, 1 fi 2 Tessollonqee fi Mul'ata) waa'ee deebi'ee dhufuu dubbata, keeyatti kun cimsa kan laatu:
   1. Yeroon sirrii dhugaa isaatti hin beekamuu, haa ta'uu malee dhugaan isaa sirri dha
   2. Yeroo wali galaa isaa beekuu in dandeenya, haa ta'uu malee sa'aati isaa adda ba'ee miti.
   3. Innis akka tasaatii fi utuu hin eegamin ta'a.
   4. Nuyis kadhatan ta'uu qabna, qophaa'uu, fi dirqama nuuf kennamee amanamoota.

E. Isaan Haayawooti (Paraadooksikaal) falmii xin-waaqummaa qaba
   1. In deebi'a (Luqaas 12:40, 46, 21:36, Maatihos 24:27, 44) fi
   2. Dhugaan isaa dhugaa tokko tokkoo seenaadhaan dirqamatti uumamuu qabu kan jedhan giddutti.

F. Kakuu Haaraan deebi'ee dhufuu isaa dura haala tokko tokkoon akka uumaman lafa kaa'aa:
   1. Wangeelli addunyaa hundumaa irratti lallabama (Maatiihos 24:14, Maariqoos 13:10)
   2. Ganuu inni guddaan (Maatihos 24:10-13, 21, 1 Ximoo 4:1, 2 Ximoo 3:1, 2 Tesso 2:3)
   3. "Nama badiisaa" mul'achuu (Daani'eel 7:23-26, 9:24-27, 2 Tesso 2:3)
   4. Gufachiisaan dhabamsiifamuu (2 Tesso 2:6-7)
   5. Hara'umsaa Yihuudoota (12:10, Roomee 11)

G. Luqaas 17:26-37, Maariqoosi wajjin wal buke hin godhamne. Innismuraasa kan walitti qabamee wal cina Maati 24:37-44tti qaba.

**6:15 "In beektani ree"** 5:6 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Fooni keessani qaama Kristoos akka ta'e"** (Phaawulos fakkeenya kana kan fayyadame Uumamaa2:24 yeroo ta'uu innis amantootni wanta kammin illee ejja yemmuu raawwatan kan wajjin rraawwatani wajjin tokkoo akka ta'an of eegachisuudhaaf. Amantootni Kristoos wajjin tokko akka ta'aani dha (12:20, 27, Roomee 12:5, Efesoon 4:12, 16, 25).

▣ **"Ejja"** innis jechii Girikii kun *pornē*, yemmuu ta'uu innis "gurguruu" gochama yedhuu irraa kan dhufee dha (jechuun, *pernēmi*, , Kittel, *Theological Dictionary of the New Testament* xin-waaqummaa Kakuu Moofaa galmee jechoota guca 6 lakk. 580 ) Qorontositti (fi ba'a dhi'oo durii) ejja bifa lamatu jira, inni tokkon amantii dogogoraa (jechuun, waaqeffannaa waaqa tolfamaa) fi garboota (jechuun, bu'aadhaaf). Phaawulos irra deddeebi'ee *porneia* (5:1 [al lma], 9, 10, 11, 6:9, 13, 15, 16, 18, 7:2, 10:8, 2 Qoro 11:21). Wal horuun waaqeffannaa waaqa tolfamaa gocha wal qunaamti saalaatiin ibsama. Dhageefatootni Phaawuloss kan isaan godhaniif hirmaataa kan turan kan kana fakkaatan seera waaqeffannaati fi raawwii ture amma garuu kiristaanoota!

▣

**NASB** **"irra hin jiraatu"**
**NKJV** **"Hin ta'uu"**
**NRSV** **"Raawwatee"**
**TEV** **"Ta'uu in qabu"**
**NJB** **"Gaaffii in qabu"**

Jechi kun gaallee raajjeefannoo (darbe darbee haala fedhii kan ibsuu, fedha guddaa, hawwuu, yookaan kadhata) innis Phaawulosiin yeroo hundumaa hoji irra kan oolu, deebiin tokko tokkoo amma illee akka dhiphatuu kan ittiin ibsamuu dha (jechuun, cigoo) inni himoota itti hafan yookaan gaaffii seenaa (cf.Roomee 3:4, 6:31, 6:2, 15, 7:7, 13, 9:14, 11:1, 11, 1Qoro 6:15, Galaa 2:17, 3:21, 6:17).

**6:16 "Lachannuu foon tokkoo ta'u"** kun seera uumamaa 2:24 irratti kan heeramee dha. Gaa'ilaan namooti lamaa fedhii isaanitiin foon tokkoo ta'u. dhi;eenyi qaama shakala walitti hidhata cimaa dha. Innis ta'uu kan qabu, Waaqayyoo kan qopheessee bakka jireenyaati. Akka warra biroo kennaan Waaqayyoo hundumtuu innis akka malee fayyadama irra ooluu fi Waaqayyoo daangaa inni godhee ala fudhachuu danda'a.

6:17 Kunnis fakkeenya kan hafuuraati, seera uumamaa 2:24 irratti abbaa manaa fi haatii manaa foon tokkoo qaaman akka ta'aan hundummaa amanaadhaa fi gooftaan kan haafuraa tokkoo ta'u (Yoha 17:11, 23, Galaa 2:20, Efes 5:21-33). Yaad- rimee xin-waaqummaa kanaafi fakkeenya gaarii kan nuuf ta'uu Roomee 6:1-11 dha. Kiristoosi wajjiin amantootni du'ani kiristoosii wajjin awwaalamaniiru (cuuphaadhaan) akkasumas Kristoosi wajji ka'aaniru.

▣

**NASB** **"Tokkoo kan walirtti dhufuu"**
**NKJV** **"Kan walitti dhufee"**
**NRSV** **"Eenyu iyyuu kan wajjin wali gale"**
**TEV** **"Kan walitti dhufe"**
**NJB** **"Eenyuu iyyuu mataa isaa kan itti fide"**

Kun sirrimatti 6:16 wajjin wal cinaa dha. Galumsi seer-lugaa kan ta'uu

1. Amma hojii irra kan oolee kan hin murtoofne lakk.16 irratti akka jirutti (Zerwick and Grosvenor, A Grammatical Analyisis of the Greak New Testament, (ibsa seer-luga Girikii Kakuu Haaraa) fuula 508)
2. Kan ammaa gidduu galeessa kan hin murtoofne (Harold . Moulton, the nanalyisis Greak Lexison revised), kan Giriki gochama hundee ibsa, kan irra deebi'amee ) fuula 236).

The dinamic equavilenta transilation (Hiika wal qixa gochaa) (jechuun, TEV (TEV), NJB (NJB) akkasummas NASB (NASB) akka sagallee giddu galleessatti kan hiikamu. Qabiyyeen barreefama isaatti kan inni xiiyafatuu obbolotaa amanataman fedha qabaachuu isaani irratti akka ta'e ifaa dha.

**6:18 "Ejja irraa baqadhaa"** Kun gochama ammaa irratti kan xiyaafatu yeroo ta'uu innis tokkoollee walitti dhuufeenya seer-lugaa durattis kan ta'ees yoo ta'ee kan fuul duraa wajjin in qabaatu (jechuun, Asyndeton), kunnis Konee Girikii kan dubbisan cimsa argisiisuudhaaf karaa dha, gaalichi sababa ibsuuf ta'uu isaatiif.

Qunamtiin saalaa namaa Waaqa ulfina qabeessa irraa kan ta'ee dha (haa ta'uu maleekennaan Waaqayyoo tokkoo akkaa fi akka malee itti fayyadamuu wajjin bifa wal qabate qaba. Phaawulos seera uumamaa 2:24 heeruudhaan gaa'ila cimseera. Haa ta'uu malee ga'ila dura yookaan ga'ila irratti gaa'ila kan ta'ee qunamtii saala gadi dhiisaa kan ilaalatee ciminaan ka'eera.

Amantootni naannoo kana irratti itti fufeenyaan eeguutu irra jiraata, keessumatti aadaan isaani gadi dhiisaa yoo ta'e, wal qunaamtiin saalaa cubbuudhaa fi jireenya amantiif rakkina isa guddaa dha. Amantootni wal qunamtii saala sirri ta'ee kan godhuu jireenya jijjiiramee qabachuutu isin irra jiraata (2 Qoro 12:21, Efeson 5:3, Qolaa 3:5)

▣ **"Namni kan godhuu cubbuun kami illee fooni ala"** kun yaada in baratamnee dha. Bifa fooya'een yoo hubate wayya innis callaqisiisuu kan danda'uu

1. Aadaa waaqeffannaa waaqa tolfamaa Qorontos
2. Cimsa barumsa barsiisoota sobduu
3. Cimsa lallaba Phaawulos (lakk.12, 13)

Namooti lubbu hin qabani, mataa isaani iyyuu lubbuu dha (Seera uumamaa 2:7) kan wajjin kan wal qabatee hubannoon Phaawulos kan ta'uu amantootni foon hin qaban, matumma isaanittu foon kan jedhuu dha. Kun ta'uu kan qabuu guddina barumsaa waaqayyummaati, innis seera uumamaatii fi faallaa isaa yaada Girikii, kunnis qaama fooni hamaa jechuudhaan tufachuu dha. Kakuu Moofaanis ta'ee Kakuu Moofaan du'a ka'uu fooni in cimsa, innis argamuu jirenya foonii namaa gaarummaa isaatii fi kan bara barummaa karaa cimsuu dha. Booda irratti kan Ginoostikii abbaa birmadummaa yookaan barsisoota birmaduu kallatti fooni kallatti sammuu irraati jijjiraniiru jedhanis fayyina akka beekumsaati cimsaniiru, gaarummaadhaa fi tola caalaa. Phaawulos kan cimsuu wangeelli

1. Qaama fayyina fudhatuu
2. Waa'ee qaama sanaa dhugaa amanu qabuu
3. Namni sun jireenya fakkaachuu qabu

Isaan adda addaan hin ciciitan! Namoonni tokkummaa dha! Fayyinni wali gala. Mootummaan isaa dhi'eetera. Amantii fi aboomamuu giddutti hidhati gargar hin cabne jira. Ka'umsi tolaatii fi itti fufeenya gara qulqullummaa qabutti dirqamatti dhufuu qaba. Tolli lachannuu kennaa (kan argisiisuu) fi aboomu(xiyaafataa).

Hidhati hoji kootii bahaa Taarsaas Yinuvarsitii Papist Dockor Biruus Tanklessileey, akka na hubachiiseeti ejji waaqa tolfamaa ejjituu bakka buutuu ishee waaqefatamtuuti. Kanaafuu, walqunaamtii saala (ejja) safuu maleessa qofa miti, waaqa tolfamaa waaqessuu dabalateeti male.

**6:19 "In beektaani ree"** 5:6 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Fooni keessan mana qulqullummaa hafuura qulqulluu ta'uu isaa"** kiristaanummaan mana qulqullummaa qaama Yihudootaa gara qaama Kristoositti mana qulqullummaa hafuuraatti bakka buuseera (Yohannis 2:21) innis akka wali gala qaama isaa, waldaa kiristaanaa (10:16, 17, 11:29, 12:12-27). Manni qulqullummaa kun yaad-rimee bifa lamaan 1 Qoro irratti fayyadama irra ooleera.

1. 3:16-17 fayyadama irra kan olee waldaa kiristaanaa hosiftuu wali galaati
2. Asitti fayyadama irra kan oolee amanaa dhuunfaatiif

Kunnis kan ibsuu wali gala nama dhuunfaa bifa wal qabatee jiruu dha

Kan Phaawulos tuqaa inni guddaan kaayyoo barreefama kanaatiin waamicha qulqulluummaati. Amantootni aadaa naannoo isaani bifa hundeen jijiiiruun kan adda ba'an ta'u qaba. Kunnis kaayyoo lama qaba.

1. Innis galma fakkeenya Kiristoos raawwatu
2. Innis namoota gara amantii Kiristoositti booji'a innis ergama issa guddaa xiyaafannoo lakkuu dha (Maatihos 28:19-20).

▣ **"Hafuurri qulqulluun innis isin keessa kan jiruu"** kunnis nu keessa kan buluu cimsa hafuura qulqulluuti. Humna jireenya kiristaanaa kennaa Waaqayyooti akkuma fayyinaa. Mataa keenya hojii hafuura qulqulluuf kennun nurra jira. Sadan qaama Waaqa tokkoo amantoota keessa bulu.

1. Hafuurri qulqulluun (Yohannis 14:16-17, Roomee 8:9, 11, 1 Qoro 3:16, 6:19, 2 Ximoo 1:17).
2. Ilma (Maat 28:20, Yoha 14:20, 23, 15:4-5, Room 8:10, 2 Qoro 13:5, Galaa 2:20, Efe 3:17, Qolaa 1:27)
3. Abbaa (Yoha 14:23, 2 Qoro 6:16)

Amantootni Waaqayyo kan isaan keessa bulu namoota kunni fedha garagarummaa qaba seexani kan keesa bulu jechuun amanaan kan inni qabu fedha tokkummaa sadarkaa hundumaatiif murteessaa daangaati. Seexanichi fedha dhuunfaa dhabamsiisa haa ta'uu malee, Waaqi guddaan kan fillate uumama isaa kan ta'ee mirga namaa kabajuu dha. Bilchina kiristaanummaa qofan (jechuun, Kristoosiin fakkaachuu) fedhi Waaqayyoo geggeessaa humnaa isa guddaa kan ta'u!

**6:20 "Gatidhaan bitamtaanitu"** kun gocha hojii irra oolee kan argisiisuu dha. Dubbiin haalaa kun kan dhufuu gabaa garbaati (7:22-23, Roomee 3:24, GAlaa 3:13, 4:5). Kakuu Moofaatti kun go'el jedhamuun beekama ture innis kan fira dhi'oo tokkoo garbummaadhaa deebisee oolchuu dha (Leewota 25:25). Kun bakka bu'ummaa Kristoos, rakkina fudhachuu kan argisiisuu dha (Isaayaas 53, Maari 10:45, 2 Qoro 5:21). Inni tokkoo Kiristosin yeroo fudhatuuti qaama isaaniti mirga dhuunfaa argatu, akkasumas fayyina wali galaatiif fayyadama innis mana qulqullummaa wali galaatiif, itti gaafatamummaa qaama wali galaa fudhatu, (1 Qoro 12:7).

▣ **"Foon keessaniin Waaqayyoon ulfeessaa"** kun gochaa xiyaafataa ammaati aboomi ariifachiisaa fillannoo utuu hin ta'in. Amantootni akkamitiin akka jiraatan wabii, nagaa, dhuga baatiidhaaf murteessaa dha! Mata duree addaa ulfina 2:7 ilaali. Wantootni rakkisoon lama jiru, jireenya kiristaanummaa irraa dhaamsifamuu kan qabu. (1)Hundumtuu fayyaa hin qabu (2)Wanti hundumtuu fayyaa dha. Fooni keenya kan Waaqayyoti kan dhuunfaa keenyaa utuu hin ta'in, innis tajaajilaaf malee cubbudhaaf miti (Roome 6). Kana kan fakkaatan waa'ee fooniitiif ilaalchi jiruu Girikii irraa, fooni mana hidhaa lubbuuti ilaalcha jedhuu irraa adda baasa. Fooni hamaa miti, haa ta'u malee kan hafuuraa jireenyaa fi dirree lolaati (Efeson 6:10-20).

NKJV, NKJV, gaalee dabalataa qaba, "akkasumas hafuura keessanitti, innis kan Waaqayyoo kan ta'e" kunnis kan muraasaa booda kan ta'an barreefama hamattuu kan baay'ee xixiqqoo barreefama Girikii argamee.

Ta’es, barreefama Girikii hin qaban. Innis $p^{46}$, a, A, B, C*, D*, F yookaan G hin argamu. UBS$^{4}$ barreefama gabaabaa “A” (sirridhumatti) agarsiisa.

## Gaaffiillee mare

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Boqonnaan kun kan bara kanaa amantoota gara mana murtitti akka hin deemne barsiisaa?
2. Qulqulloonni ergamootaatti kan murteessan akkamiti fi yoomii?
3. Lakk. 9 fi 10 kan ibsaman cubbuu kan argisiisan gocha namoota dhuunfaati yookiis tooftaa shakaala jireenyaatii?
4. Phaawulos hundumtuu naaf hiyyamameera yeroo jedhuu, barreefama sanaan sirritti maal jechuu barbaadeeti, shakalaa dhuunfaatiif ajaja addaa bifa macaafa Qulqulluutiin?
5. Qunamtiin saalaa akkamituu wanta yaadeessaa rakkina kan haafuraa ta’uu?
6. Kan Girikii ilaalchi foonii fikan kiristaanaa ilaalcha foonii garagarummaa isaa ibsi.

# I Qorontos 7

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Rakkoolee dhimma gaa'eelaa ilaallatan | Qajeelfama gaa'elaa | Karaa gaa'elaa kan agarsiisan | Gaaffiilee waa'ee gaa'elaa | Durbaa fi gaa'eela 7:1-7 |
| 7:1-7 | 7:1-9 | 7:1-7 | 7:1a | |
| | | | 7:1b-5 | 7:8-9 |
| 7:8-16 | Kakuu gaa'ela keessanii kabajaa | 7:8-9 | 7:6-7 | 7:10-11 |
| | | 7:10-11 | | |
| | 7:10-16 | | 7:8-9 | 7:12-16 |
| | | 7:12-16 | 7:10-11 | |
| | | | 7:12-16 | |
| Jireenya gooftaan hojjete | Akka itti waamamtanitti jiraadhaa | Raawwii isaa fi jijjiiramaa fi ejjennoo keessatti | Akka Waaqayyo isin waameetti jiraadhaa | 7:17-24 |
| 7:17-24 | 7:17-24 | 7:17-20 | 7:17-24 | |
| | | 7:21-24 | | |
| Warra hin heermumneef kan abbaan manaa irraa du'ee | Warra hin heermumneef kan abbaan manaa irraa du'e | | Warra hin heermumneef kan abbaan manaa irraa du'eef gaaffii | |
| 7:25-35 | 7:25-40 | 7:25-31 | 7:25 | 7:25-28 |
| | | 7:25-35 | 7:26-28 | 7:29-31 |
| | | | 7:29-31 | |
| | | | 7:32-34 | 7:32-35 |
| | | | 7:35 | |
| 7:36-38 | | 7:36-38 | 7:36-38 | 7:36-38 |
| 7:39-40 | | 7:39-40 | 7:39-40 | 7:39-40 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Qabiyyee barreefamaa 7:1-40

A. Kunni ibsa Phaawulos isa cimaa dha, walitti dhuufeenya keessa kan ilaalate. Innis kan inni ibsu
   1. Qunamtii saalaa safu-malleesa 6:9-20, 7:2

2. Gaa'ila lakk.2-5, 10-16, 28
3. Kan hin fuudhiin lakk.6-9, 25-26, 29-35
4. Durboota lakk.36-38
5. Hadha manoota du'anii fi abbaa manoota du'an lakk.39-40
6. Qabatamaati wanta deddeebi'aa "akka jirtanitti tura" lakk.1, 6-7, 8, 10, 17-24, 26-35, 37, 40, sababi isaa rakkina yerootiif dhuufaati isaa eeguu ammam illee kan adda ta'aniif yoo hiyyamee

B. Boqonnaa 7 fakkeenya gaarii dha, kan naannootii fi haala yeroo akkam godhamee tilmaama keessa galuu akka qabu, Maacafni qulqulluun tokko sirritti hiikamuu isaa fuuldura yookaan geggeessa gocha wali gala baasuu isaa fuula dura. I Qorontos seenaa yoomii fi eessaa baasuun baay'ee rakkissa dha, sababi isaa
1. Qorontositti kan turee jeeqamsi yeroo sirritti beekuu waan hin dandeenyeef (tarii beela)
2. Amala hojii Phaawulos garee finciltootaa kammif iyyuu akka barreessef lakkoofsooti inni kam akka ta'ee (jechuun, warra of qaban warra birmaduu)
3. Gaaffoolleen kun kan gaafatan waldaan kiristaanaa xalaayaa isheen barreesitee argachuu dhabuun keenya (7:1, 25, 8:1, 12:1, 16:1, 12)

C. Wantoota sirri hin taane lama haalawwan/garreewwaan Qorontosiin kan jiran fakkaatuu, isaanis walitti bu'iinsa guddaa kan uuman. Namoonni tokko tokko haala mataa ofii ganuu kan qaban (7:1). Garreewwan kan biraan immoo gadi dhiisii saffuu kan hordofan yookaan birmadoowwaan (6:12, 10:23). Dhugaa lamaanu hameenyaani midhaameera. 1 Qoro 7, Phaawulos isaan hamoota kana giddutti hojii irra oolcdhuu fi xin-waaqummaa adeemsiisuu yaaleera, garreewwaan lamaan yeroo hasoofsisuuti

D. Boqonnaa 7 keessatti kan darbuu qabatamaatti wanti irra deddeebi'u jira. Inni kan inni mulisuu lakk.17, 20, 24, 25, 40 yeroo ta'uu lakk.8 heeru hojjeta. Qabatami isaas "iddoo jirtan taa'aa" dha. Sababi isaa yeriichi gababaa waan ta'eef. Kunni geggeefama wali gala ta'uu hin danda'uu,sababi isaa
1. kun kan wajjin adeemu bara hari'atama wajjin ta'uu isaa
2. gaa'illi ijoollee namaatiif fedha Waaqayyoo ta'uu isaa (Uumama 1:28)
3. waldaan kiristaanaa kun barsiisoota sobduudhaan rakkoon keessaa waan mudateef

Inni tokkoo aja'ibsifaamuu danda'a gareen isa kamii (jechuun, raawwatani kan in fuudhiin, al tokkoo kan fuudhaan, yookaan kan hin amanin kan fuudhan) Phaawulos mataan isaa kan ture. Hundummaa shakaala irraa in beeka ta'a. yihudootni baay'een Seera uumamaa 1:28 irraa kan jiruu hiiki barsiisoota yookaan aadaa irraa kan ka'ee in fuudhuu. Haadhii manaa Phaawulos tokkoo duuteeti ta'a (jechuun, abbaa manaa ishee duutee ta'a) yookaan amantii isaa haaraa irraa kan ka'ee dhiiftee deemteti ta'a (jechuun, kan hike ta'a). fayyinaaf tajaajilaaf yeroo waamameeti (jechuun, kara Damaasqootti inni dhuunfaatti kan fillatee kophaa isaa ta'u danda'a, Baranabaas akka godhee hundummaa, haa ta'uu malee ga'ila Pheexiroos raawwate hin ceephannee (9:5).

E. Gaa'illi macaafa qulqulluutti seera eegamuu dha (Uumama 1:28, 2:18). Phaawulos tarii al tokkoo fuudheera ta'a (jechuun, Hojii ergamoota 26:10 wallumatti akka argisiisuutti, Phaawulos mana mare Yihudootaatti miseensa erga ta'ee dirqamatti fuudhuutu irra jira). Innis kan cimsa laatuu gaa'illi amanaadhaaf ejjeennoo ulfinna qabeessa ta'uu isaati (1 Qoro 6:16, 7:14, 2 Qoro 11:2 fi Efeson 5:22-31). Dirqamatti yaadachuu kan qabnu, Phaawulos jaarraa 1dhaaf kan hoosiftuu kan ormootaa, kan qoqodama, haala hundumaa dubbachaa jiraachu isaati.

F. Phaawulos lakk.19 irratti waa'ee dhaqna qabachuu ibsa inni late, Phaawulos kan Kakuu Moofaa seera waqeeffannaa fi seeronni wangeella Yesus Kristoosiin dhabamsiifamuu isaaniti, uummataa amanaadhaaf (Hoj.erg 15) kanaafis kan dirqisisaan miti. Haasaan xin-waaqummaa inni yeroo hundummaa kan fudhatuu Phaawulos kan Kakuu Moofaa kallatti namuusaa cimsuu isaaati, haa ta'uu malee haala kabaja isaati in ceepha'a. bifa tokko tokkoon kun dhugaa dha.

## Qabiyyee jechaa fi gaalee

### I Qorontos 7:1-7

**[1]Gaaffiin isin anaaf caftan na ga'eera; waa'ee dhiiraa fi dubartiin walii wajjin jiraachuu garuu, namni dubartii bira dhaquu yoo dhiise gaarii dha*. [2]Qorama ejjaa ooluudhaaf garuu, dhiirri adduma addaan haadha manaa ofii isaatii haa qabaatu, dubartiinis adduma addaan abbaa manaa ofii isheetii haa qabaattu*. [3]abbaa manaa jaalalaan haadha mnaa isaa bira haa ga'u, haati manaas jaalalaan abbaa**

**manaa ishee bira haa geessu. [4]Haati manaa abbaa manaas akkasuma haadha manaa ishee malee, dhagna ishee akka jaallatte gochuu hin dandeessu; abbaan manaas akkasuma haadha manaa isaa malee, dhagna isaa akka jaallate gochuu hin danda'u. [5]Yeroo itti kadhataaf of kennuudhaaf walii galtan irraa kan hafe, wal bira ga'uu wal hin didinaa; isa booddee of qabuu dadhabuu keessan irraa kan ka'e immoo, seexanni isin qoruudhaaf karaa akka hin argannetti, deebitanii wal bira in geessu. [6]Kanas karaa isiniif banuufan jedhe malee, isin abboomuuf miti. [7]Ani illee namoonni hundinuu fuudhuu dhiisanii akka koo akka ta'an nan jaalladhan ture. Haa ta'u iyyuu malee, namni adduma addaan kennaa Waaqayyo isaaf kenne qaba; inni tokkko kennaa akkasii, inni kaanis kennaa akkasii qaba*.**

**7:1 "Waa'ee isa naa barreesitanii ilaalatee"** tarii dhimma boqonnaa 1-6 kan ibsanii fi karaa Maatii Qalooyee Phaawulosiin kan ga'e wajjin kan wali wajjin adeemuu dha. "ammas kan ilaalatu" gaaleen jedhuu kan ilaalatuu waldaa Qoronxos kan jirtuu waldaa kiristaanaa kan isheen kaaftee gaaffii murtaa'an yeroo ta'uu, kun tarii Isxifannoosiin, Fireemnaaxoosi fi Akaadiyaa kara isaanitiin gara Phaawulositti kan ergamee ta'a (7:25, 8:1, 12:1, 16:1, 12). Boqonnaa kana Qorontos gaaffii isaan kaasaan sirritti utuu hin beekamin , eenyuus akka isaan gaaffatee utuu in beekamin hiikuudhaaf baay'ee rakkisaa dha (jechuun amantootni in amanamne gareen warra birmaduu, gareen warra of qabdootaa, yookaan waldaa kiristaanaa ishee manaa keessa).

▣

**NASB, NKJV "Dubartii wajjin wal qunamuu dhiisuun namaaf gaarii dha"**
**NRSV "Dubartii wajjin wal qunamuu dhiisuun namaaf gaarii dha"**
**TEV "Namni yoo fuudhuu baatee gaarii godhe"**
**NJB "Eeyyee, dubartii wajjin wal qunamuu dhiisuun namaaf gaarii dha"**

"Gaariidha kan jedhuu" jechi jedhuu hiika bal'aa qaba, qabiyyee barreeffama kanaatiin garuu hiikii isaa "kan bu'aa buusuu" yookaan "fayyadama isa tokkootiin jechuu dha" (lakk.1, 8, 26). Miira wal fakkaataa kanaan seera uumamaa 2:18 fayyadama irra ooleera. Kan Phaaawulos kaayyoon wali galaa sadarkaa nama dhuunfaati yeroo rakkinaatti kan fooya'ee kan ta'ee fi mootummaa Waaqayyootiif fillatamaa kan ta'ee dha.

Kunnis argisiisuu kan danda'uu

1. Warri Qorontos Phaawulosiif xalayaa isaan barreesan irratti kan heeramee
2. Dhaadannoo garee isa tokkoo
3. Gaalee lallaba Phaawulos keessaa heerame, garuu waliin makamee hiikamee of qabuudhaan, seera qabeessa, yookaan warra billisummaa kan hojii irra oolchee.

"Ga'uu" jechii jedhuu hiika adda addaa baay'ee qaba "harka irra kaa'uu" "qabuu" "to'achuu" innis dubbii haalaatiin fayyadama irra kan oolee qunamtii saalaatiif (LXX Seera uumamaa 20:6, Fakkeenya 6:29, Gosephu's Antiquities 1.163; immoo Pilato, Leges 8.840 A; fi Plutarch, Alex, M. 21. 4. Bauer, 1 Arndt, Gingrich fi Dankers's Lexicon fuula 102 ilaali haa ta'uu malee waraqaa Konee Gibxitti fayyadama irra kan oole bifa qunamtii saalaatiin miti.

Phaawulos gaa'ila isaa yookaan qunamtii saalaa namaa salphisuu isaa miti, haa ta'uu malee miira ijoollee namaa akka malee fayyadamuu isaaniti. Ijoolleen namaa yeroo hundumaa kennaa Waaqayyoo daangaa Waaqayyoo kaa'ee dabrsee fudhata. Gamtaan qilleensa Qorontos hameenyaaf safu-maleessa ture (lakk.2 A).

▣

**NASB "Waa'ee sababa ejjaatiif garuu"**
**NKJV "Ta'us waa'ee sababa ejjaa"**
**NRSV "Waa'ee sababa ejjaatiif dhimmi jiran garuu"**
**TEV "ejjii baay'een jiraachuu isaatiin garuu"**
**NJB "Ejja dhabamsiisuu kan jedhuu"**

Gaa'illi Phaawulosiif rakkina isaa hin turee kun xiyaafataa gocha ammaatti. Qeenxee rimmiddi sada dha. Baay'een akka amananitti barsiisaan akka tureetti sababni isaa barsiisaa irraa (barsiisaa Yihudoota) Gamaliyaan jalatti barrataa waan tureef waa'ee hinaafaa seeraa ta'u isaati. Innis gaa'illi barbaachisaa godhamee fudhatamuu isaa, kunnis uumamaan, "horaa baay'adhaa" (Uumamaa 1:28, 9:1, 7) kan jedhamee raawwachuudhaaf akka dandeesiisuu hin beeka. Fedhii kennaa Waaqayyoti. Uummati ormootaa wal qunamtii saalaa gadi dhiisaa kan godhuu fi safu-malleessa ture, sababi isaa qunamtiin wal horuu waaqa tolfamaatiin shaakala isaa fayyadama irra ooluu isaatin, sababa kanaaf Phaawulos dhimma isaa akka kaasuuf barbaachisaa ta'ee kan argame.

Phaawulos of qabuu xin-waaqummaa  dhimma mata dureetii fi kan yerichaa hari'atama yoomii fi eessaa kaaseera. Kennaa ayyaannaa kan ta'ee of qabuun jira. Innis gaa'ila irra kan caalee kan hafuuraa miti. Namni hin fuudhiin yeroo baau'ee, humna, fi qabeenyaa dhuunfaa isaa tajaajilaaf oolchuu danda'a kun gaarii dha, haa ta'uu malee nama hundumaatiif miti, baay'eedhaafis hin ta'u!

Qabiyyee barreefama kanaatiin dhimmi sirritti Phaawulos kan hin fuunee ta'uu miti, "iddoo jirtanitti ta'aa" kan jedhuu malee. Yeroon isaa rakkiisaa ture. Hari'atamni dabalamee ture. Seenaan akka nutti himuuti bittaa gurguddaa sadii (Impa'er beela dabalatee ture yeroo kanatti). Phaawulos gaa'ila jabbeessera (6:16), haa ta'uu malee kan yerichaa haala gamtaa yoomii fi eessaa fuudhuu dhiisuu kan deggeruu ture. Kun dhugumatti, geggeefama addunyaaleessa miti, haa ta'uu malee kan yeroo, of eegachiisa aadaa ture.

Lakk. 2 irratti Phaawulos kan dirqisiifamuu kan jaarraa 1 babalatee kan turee aadaa Girikoo-Roomaa kan turee safu maleessa turee dha. Saba gadhiisaa gidduutti, amanamummaa, abba ga'iila tokkoo, waaqeffannaa waaqa tolfamaa irra kan wayyu dha, kan hafuuraa, kan miiraa fi haala kan qaaman. Gaa'ila duwwaa miti cimsa kan heeru, haa ta'uu malee kan garee lamaanuu sirri kan ta'ee itti gaafatamummaa dabalatee cimsii laatameera.

**7:2 "Tokkoon tokkoon namaa haadha manaa mataa isaa haa qabaatuu, tokkon tokkoon ishee abbaa manaa haa qabattu"** isaan kun xiiyafannoo ammatti, haa ta'uu malee akka ajajaati hojjeeta hin jiru, kana qabatee lakk.5 irraa kan hafe. Kun seer-lugaa wal bukkee qindaa'umaati, lakk.3 fi 4 irratti akka jiru. Gaa'illi kan addaa miti, seera male. Kontoraata miti (1 Ximoo 4:3, Ibiroota 13:4).

**7:3** lakk.kun immoo gocha ammaa lamaa xiyaafataa qaba. Phaawulos lakkoofsoota lama irratti qajeelfama afur kenne. Phaawulos rakkoowwaan lama, isaanis dhimma qunamtii saala namaa wajjin wal qabatan kaaseera, jedhamee fudhatamuun in danda'ama (cf.Gordon D. fi to what and Exegesis, pp. 88-98).

1. Gadhiisaa kan ta'an amantoota, isaanis kan duraa waaqa tolfamaa galumsa qunamtii saala kan hordofan, keessumatti mana qulqulluumaa waaqa tolfamaa fi hafeera irratti (jechuun, kan birmaduu)
2. Fedhii ga'iillaa akka qaanii kan hafuuraatti kan lakka'aan amantootni (jechuun, warra of qaban, lakk. 5 fi achi irraa lakk.1 dhaadannoo ta'eera yookaan garee inni tokkoo)

**7:4** lakk.kun kan argisiisuu aadaa Phaawulos kan mataa isaati madaallii isaa eeguun dandeetti isaati (Efeson 5:21, 22-23). Yeroo Phaawulositti haadha manoonni mirga xinnoo qabu turan. Phaawuloos itti gaafatamummaa warra wal fuudhani lamaan itti gaafatamummaan guutame dubbata. Feedhiin qunamtii saala cubbu miti. Inni fedha Waaqayyo irra ta'ee dha.

**7:5 "Wali wali keessan in dhowwatina"** kun gocha ammaa argisiisuu yeroo ta'uu gochama alta'aan kan gallee dha, kunnis yeroo hundummaa kan argisiisuu "gocha tokkoo adeemsa irra akka jirutti dhaabuu" dha. Kunnis kan wajjin adeemuu waldaa kiristaanaa Qoronxoosiin kan jiru rakkoo warra of qabani wajjini dha. Innis immoo kan cimsuu fedhii, yookaan qunamtii saalaa gochuu hiriyaa gaa'ila tokko meesha to'annaa akka hin taanee godheti!

▣ **"Wali galtani yoo hin taane ala"** gaaleen kun kan jalqabuu *ei mēti*, kan jedhuudha, hiikii isaas "yoo ta'uu dhaa baatee" yookaan "yoo hin taanee" dha (Luqaas 9:13). Innis galumsi kaa'amee kan of duukaa buusuu addaa tokko kenna. Kana kan fakkaatu qinda'uma (jechuun, seera isa boodaas kan addaa) boqonnaa kanatti guutummaatti fayyadama irra oolera. Phaawulos xin-waaqummaa  kan seeraa/kan of qabanii fi kan birmadduu/kan seera irraa wallabaa gidduutti adeemsiisa. Tokkon tokkoon qoqodami isaa qabsiisa mataa isaatiif dhaadannoo qaba!

Phaawulos tooftaa kan seeraa ibsa akka jiruu hubadhu. Abbaan manaa qophaa isaa ta'uu mirga fillachuu in qabu! Kan Macaafa qulqulluu mataan dhiirummaa bifa nama gadisiisuun walin dha'amee hubatameera. Abbaan manaa dirqamatti gochuu kan inni qabuu bifa mataa isaa kennuutiin, bilchina maatii isaatiif (Efesoon 5:25-29) bu'aa dhuunfaaf yookaan fillanniooo dhuunfaaf utuu hin ta'iin, haa ta'uu malee kan hafuuraa sooruuf malee.

## MATA DUREE ADDAA: DUBARTOOTA WANGEELA KEESSATTI

1. KAKUU MOOFAA KEESSATTI
   A. Aadaadhuma ta'ee dubartoonni akka qabeenyaatti ilaalamu
      1. Akka qabeenyaatti lakkaa'amu (Ba'u 20:17)
      2. Akka garbaatti hacuucaman (Ba'u 21:7-11)
      3. Dubartootaaf waggaadhaa akka Itti gaafatamummaa hawaasaa fudhata kakuu
      4. Dubartoota akka gargaartota Lola keessatti tajaajila (Lakk. 30).

B. Gochaan immoo milchaattotadha
   1. Dhiirris, dhalaanis bifa Waaqayyootii uumaman (Uma. 1:26-27)
   1. Abbaa keef haadha kee kabaji (Ba'u 20:12, Kees. 5:16)
   2. Abbaa keef haadha kee kabaji (s.Lew 19:3; 20:9)
   3. Dhiironni, durboonnis Naazireetota (Raajota) ni ta'u (S.Lakk. 6:1-2)
   4. Dubartoonni mirga dhaaltummaa ni qabu (S.Lakk. 27:1-11)
   5. Qaama Namoota kakuuti (S.Kees. 29:10-12)
   6. Barsiisa Abbaa kee fi haadha kee hubadhu (Fak. 1:8; 6:20).
   7. Dhiironnii fi Dubartoonni Hemaan (Maatii lewwii) Mana quqlullummaa keessatti gaggeessitoota Faarfannaan turani (1Seen 25:5-6).

C. Dubartoota ga'ee gaggeessummaa keessatti
   1. Obboleettiin Musee, Miiriyaam, Raajii jedhamteetti (Ba'u 15:20-21; akkasumas yaadannoo Miiki 6:4).
   2. Dubartoonni mi'a mana quqlullummaa akka hojjetaniif kennaa Waaqayyo irraa fudhatanii eeganiiru (Ba'u. 35:25-26)
   3. Dubartiin Dibooraa jedhamtu Raajummaan gaggeessiteetti (cf. Abo. 4:4-5, 5:7).
   4. Huldah, Ishee Motichi Iyyaasuun, Macaafa Seeraa haaraa argame akka isheen dubbistee hiiktu taasise, Raajii taatee gaggeessifeetti (cf. 2Mot. 22:14; 2Seen. 34:22-27).
   5. Mootittiin Asteer, dubartiin filatamtuun sun, peershiyaa keessatti Yihudoota oolchiteetti.

II. KAKUU HAARAA KEESSATTI

A. Gama aadaatiin Judizimii fi Giriikoo-Roomaa keessatti, Dubartonni akka lammiilee sadarkaa 2 kanneen mirga xiqqoo qaban keessatti ramadamu (Meesoodooniyaa qofatu akkas hin turre).

B. Dubartoota ga'ee geggeessummaa keessatti
   1. Elzaabeetii fi Maariyaam, dubartoota Waaqayyoot jiraatan (Luq. 1-2)
   2. Hannaa, dubartii amantii, mana quqlullummaa keessa tajaajilaa turte (Luq. 2:26).
   3. Liidiyaa, Amantuu fi gaggeessituu mandar kadhataa (HoE 16:14,40).
   4. Dubartoota Filiphisiyus Arfan Rajaii turan (HoE 21:8-9)
   5. Feebeen, Daagonii waldaa Senkriyaa (Rom. 16:7).
   6. Piriska (piriskitla) Phaawuloos wajjiin kan hojjechaa turtee fi barsiistuu Apoloos (HoE 18:26, Rom. 16:3).
   7. Maariyaam, tiriifeenaa, tirifoosaa, Persis, Juliyaa, Obboleettii Mareyus, Dubartoota Phaawuloos waliin hojjetan danuu (Rom. 16:6-16).
   8. Juniya (KJV) Dubartii ergamtuu ta'uu dandeesse (Rom. 16:7).
   9. Iyuudiyaa fi Siintakee (syntyche) warra Phaawuloos waliin hojjechaa turan (Filip 4:2-3).

III. Amantoonni bara kanaa fakkeenya wangeelaa kana akkamitti madaalu?

A. Namni tokko dhugaa karaa seenaa fi dhugaa karaa aadaa jiru akkamitti kan jalqaba haala barreeffamaa ta'e qofaan dhugaa bara baraa waldaalee hundaafuu dhugaa ta'e irraa, amantoota baroota hundaatti, murteessuu danda'a?
   1. Yaada barreessaa jalqabaa, sirritti sadaan (Seriously) fudhachuu qabna. Wangeelli sagalee Waaqayyoo fi kan madda amantiif gcohaa ta'es isa qofa.
   2. Barreeffamoota gama seenaan ifatti kaa'aman/haaleffaman qo'achuu qabna.

      a. Kaaltasii (i.e jilaa fi qophii) Isiraa'elootaa (cf. HoE 15, Gal. 3)
      b. Judisimii jaarraa 1 keessa ture
      c. Seenaa Ifatti Phaawuloos 1 Qoronxoos keessatti ibse
         1) sirna seera Paagaanota Roomaa (1Qor. 6).
         2) Garbummaan hafuu (1Qor. 7:20-24)
         3) Lubummaan (1Qor. 7:1-35)
         4) Durbummaa (1Qor. 7:36-38)
         5) Waaqolii tolfamoof nyaata dhiyaate (1Qor. 8; 10:23-33)
         6) Gocha Irbaata gooftaa irratti ta'u (1Qor. 11).
   3. Waaqayyo guyyoota adda addaatti aadaa adda addaa keessatti, Guutummaan guutuu fi ifumana ifatti

ofiisaa ibsera. Mul'ata jriu fudhachuu qabna, garuu kuufama seenaa isaa mara akkuma jirutti miti. Jechi Waaqayyoo jecha namootaatiin barreeffamee, aadaa murtaa'eef, yeroo murtaa'etti kennameera.

B. Hiikaan wangeelaa, yaada tarreessaa jalqabaa fakkaachuu qaba. Baroota isaa keessatti maal jedhee ture? Kunis hiika sirrii keessatti hundeeffama jalqabaa fi kan baay'ee barbaachisaa ta'edha. Kana booda, nutis baroota keenya keessatti hojiirra oolchuu qabna. Amma asitti rakkoon gaggeessummaa dubartootaa ni jira (kan dhugaan hiikame, jecha hiikuudhaani, paastarootaan olitti eessatti hojjetu isa gaggeessaa ta'ee beekkameen olitti? Daaqononni ykn raajonni eessatti akka gaggeessaatti tajaajilu?) kan Phaawuloos 1Qor. 14:34-35 fi 1Xim. 2:9-15tti kaa'e ifa kan ta'e dubartoonni kadhannaa keessatti gaggeessuu akka hin qabne ibsa. Garuu har'a ani kana akkamittan hojiirra oolcha? Ani gama kootiin aadaa Phaawuloos kana hin barbaadu ykn fedhii fi sagalee Waaqayyoo aadaa ilaalee hin daangeessu. Bara Phaawuloos keessa baay'ee daangeeffamaa ture, garuu bara koo keessa immoo bilisaawaa ta'uu danda'a. Jechaa fi barsiisni Phaawuloos kun kan haala irratti hundaa'e ta'uu danda'a, jaarraa 1 keessa haalota naannoon wal qabatee dhugaa ta'uu danda'a. Ani eenyu kan sammuu koo ykn aadaa koo yaada barreessaa fallessusy,

Ta'uyyuu, yommuu wangeelli gaggeessummaa dubartootaaf kennu (Barreeffamoota Phaawuloos keessattillee taanaan Rom. 16) maal gochuun qaba? Kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u ibsa Phaawuloos waliin kadhannaa 1Qor. 11-14tti kaa'dedha. 14:34-35 irratti akka isaan callisan godhuyyuu, 11-14 irratti mataa isaanii haguuggatanii akka isaan kadhatan waan eeyyame fakkaata. Daaqonoonni (Rom. 16:1) fi raajonnis (HoE 21:9) ni jiru. Kunis yaadota garaagaraa akkan yaada Phaawuloos adda baafadhaaf kan na gargaaree (akka daangaan dubartoota irra jiru) akka Qorontosii fi Efesoon keessatti daangaan jiru hubadhee. Waldaalee lamaan keessattuu, Rakkoon cimaan, dubartoonni bilisummaa haaraa isanaiif kenname hundeeffachuu keessatti ni mul'ata (cf. Bruce Winter, After Paul Left Corinth) kunis rakkoo cimaa, waldooleen akka ergaa Yesuus galmaan ga'uu irratti dhadhabdu godheera. Bilisimmaan isanaii daangeeffamuu, wangeelli ga'umsa ni qaba.

Baroota koo keessatti, Phaawuloosiif faallaa ta'u, Baroota koo keessatti wangeelli yoo jeeqame ni daangeeffama, dubartonni leenji'anis wangeela lallabuuf hin eyyamamuuf, gaggeessuufis hin eeyyamamuuf! Kaayyoo cimaan kdhata waliinii maalinni? Dhuga-bu'umsaa fi duuka bu'ummaa mitii? Waaqayyoo gaggeessummaa dubartootaan ulfaachuu fi itti gammaduu danda'aa? Guutummaan wangeelaa kanaaf deebii “eeyyee” jedhu kenna.

Phaawuloosiif harka kennachuun qabaa jechuudha. Sirni barsiisa koos hundeen isaa sarara Phaawuloosiin wal qabata. Seera dubartoota Amayyaanis garmalee dhiibamuu hin qabu, ta'uyyuu, waldaa kiristiyaanaa dhugaa wangeelaa mul'ataa kanaaf deebii kennuu ni qabbaneessiti. Addunyaa ammayyaa keessatti Dhiibbaa ykn hamaan ol deemuu dubartootaas ni hir'istee ilaalti. Waaqayyo karaa Kiristoosiin Garbootaa fi dubartootas bilisa baaseera. Kanaaf haalota aadaa ilaalee dubatti isana ittisuu hin qabu.

Qabxii cimaan tokko immoo; akka hiikaa tokkootti, Qoronxoos akka isheen waldaa baay'ee jeeqamtuu turte nan beka. Kennaawwan obsaa (charismatic gifte) mirkanaa'ee kennameeraaf. Dubartoonni as keessatti tarii oli qabamuu danda'u. Akkasumas Efesoon barsiisota sobaan akka jeeqamaa turte nan beeka. Kunis akka dubartoonni mandara kadhataatti, dhiifama kadhataniif carraa baneera.

C. Yaada wantoota dubbifamaniif,
*How to Read the Bible For All Its Worth* by Gordon Fee and Dougstuart (pp 61-77).
*Gospel and Spirit Issues in New Testament hermeneutics* by Gordon Fee hard Saying of the Bible by Walter (C. Kaiser, Peter H.Davids, F.FBruce, and Manfred T.Branch (pp 613-616; 665-667).

▣
**NASB, NKJV “waan ta’eef kadhatatti akka jabataniif”**
**NRSV “Mataa keessan kadhataaf soomaaf akka laataniif”**
**TEV “Yeroo keessan kadhataan akka dabarsitaniif”**
**NJB “Mataa keessan kadhataaf bilisa akka gootan”**

“Midhaanii fi bishaan irraa of dhowuu” Textus Receptus, MSS $\aleph^{c}$ , K, hordofee fi L akkuma kana Peshitta (Peshita) argama. Ta’us baay’een barreefamni durri Girikii, p11, p46, $\aleph$* A, B, C, D, G, P, baay’een hiiki durri fi baay’een kan ammaa hiikii ingili, hin ammatan. UBS [4] kan inni argisiisuu barreefama gababaa “A” (sirritti) dha. Kakuu Haaraan akka geggeessaati fedhiidhaan miidhaanii fi biishaan irraa of dhowuu yeroodhaaf kan ta’uu gocha

kan hafuuraaf yeroo hiyamuu wal qabsiisees gaa'ila gidduutti wal qunamti saala irraa of qabuu yeroodhaaf kan ta'uu gocha kan hafuuraa in hiyama. Miidhaanii fi bishaan irraa of dhowwuun fedha Waaqayyoo irratti xiyaafachuu tilmaama keessa akka glchuu dha, qunamtii saalaas of qabuun akkuma kana.

## MATA DUREE ADDAA: SOOMII

Soomiin Kakuu Haaraa keessatti akka abboomiitti kennamuudhaa yoo bate iyyuu, yeroo barbaachisutti garuu ergamoota Yesuus (cf. 2:19; Mat. 6:16,17; 9:15; Luq. 5:35) irraa waan eegamudha. Soomiin inni sirriin Isa. 58 keessatti ibsameera. Yesuus ofii isaatiif fakkeenya nuuf ta'eera (cf. Mat. 4:2). Waldaan durii ni soomti turte (cf. HoE 13:2-3; 14:23; 2Qor. 6:5; 11:27). Kaayyoon soomii fi akkaataan isaa murteessaadha; dheerinnii fi irra deddeebiin isaa filannoo abbaa irratti hundaa'a. Soomiin Kakuu Moofaa, amantoota Kakuu Haaraatiif ulaagaa miti (cf. HoE 15). Soomiinkaraa ittiin nama hafuuraa ta'uu ofii mul'isan utuu hin ta'in, karaa ittiin Waaqayyotti dhi'aatanii geggeessaa isaa barbaaddatanidha.

Waldoonni durii soomii ciminaan hordofuun isaanii, barreessitoonni "soomii" barreeffama baay'ee keessa akka galchan isaan godhe (kunis Mat. 17:21; Marq. 9:29; HoE 10:30; 1Qor. 7:5). Odeeffannoo dabalataatiif, kitaaba Buruus Meezger kan '*A Textula Commentay on the Greek New Testament*' jedhu kan barreeffamota gaaffii namatti uuman akkasii irratti tokkummaa waldoota Macaafa Qulqulluutiin maxxanfame dubbisi.

▣ **"Waan ta'eef seexani akka isin hin qoreef"** warri wal fuudhaan lamaan illee baay'ee of eegachuu qabu, gaa'ila isaani giddutti kan ta'uu qoromsii kiyyoo seexana. Wal qunamtiin saala namaa, kennaa Waaqayyoo ta'us, namoota baay'ee kan to'atuu dha. Seexanni kan kana fakkaatu hawwii uumama ilma nama kufee Waaqayyooti adda baasuudhaaf akka meeshaati itti fayyadama. Kunnis lamaanuuf, jechuun kan badanis ta'ee kan fayyan irratti ta'uu kan danda'uu dha, ammam illee sadarkaan isaa garagara yoo ta'ee iyyuu (1 Ximoo 5:14-15).

Qabiyyee barreefama kanaatiin ifatti akka mul'atuutti waldaa kiristaanaa Qorontositti wal qunamtii saalaa namaa kan ilaalatee rakkoon xin-waaqummaa jira. Innis tarii lamanuu isa hamaa kan hammate ta'a, kan of qaban yookaan birmaduu.

## Mataduree addaa: Hammeenya isa Qaamaa

Kun sababoota baay'eef mataduree baay'ee rakkisaadha

1. Kakuu Moofaa diinni inni adda dureen Waaqayyoof jiraachuusaa hin ibsu. Garuu tajaajilaa YHWH innis ilma namaaf filmaata kan dhiyeessuufi waa'ee qulqullummaas kan ceepha'uudha.
2. Diinni inni qaamaa adda duree ta'e, yaadirimeensaa guddachaa kan dhufe Hog-barruudha kitaaba Awaaldi yookiin macaafota Macaafa Qulqulluu keessatti hin haammatamne (non-canonical) dhiibbaa Amantii Faariiotaa (*Zoroastrianism*) irraati .Kunis galagalchaan Yi'udummaa isaa kan Barsiisotaa dhiibbaa irraan ga'eera.
3. Kakuu Harawaan bifa nama ajaa'ibsiisuun dhugumaa Kakuu Moofaa tumsaa dhufeera

Qayyabannaa hammeenyichaa isa tokko akkaataa beekumsa Macaafa Qulqulluun ilaaluun yoo barbaachise ilaalchi hammeenyichaa baay'een hin mul'atu.

Hata'u malee, eenyu iyyuu qayyabannaan hammeenyicha Macaafa Qulqulluu irratti kan hin taane yookiin Macaafa Qulqulluu irraa kan hafaa ta'an jechuunis, akkaataa Amantii adda addaa addunyaarraa yookaan kan warra baha waliin yoo ilaalle, sanaan boodas guddina kakuu harawaa dualismii (dualism) warra Faarisiifi jireenya hafuurummaa (Greco-Roman spiritism) gaadissi irratti godhameera.

Namni kami iyyuu tilmaama akkas ta'innaan qabame aboo waaqaummaa Macaafa Qulqulluu yoo ilaale, guddinni kakuu harawaa dirqamatti kan mul'atu kallattii guddinaatiin.

Kiristiyaanonni dirqamatti kan isaan irraa of-eeggachuu qaban, Seenaa qabatamaa hintaane Yi'udotaa ykn Hog-barruu Ingilizootaa (Dante, Milton) irratti ibsi akka kennamu iyyamuu hinqaban. Gama mul'ataan waan iccitii ta'uufi murteessuuf nama rakkisu hin jiru. Waaqayyo hin filanne, kallattii hammeenyichaa hundaa, ka'umsi isaa, kaayyoon isa, akka mul'ataniif, garuu mo'amuusaa ibseera.

Kakuu Moofaa keessatti jechi hammeessaa jedhamu bakka sadiitti hiramee ilaalama

1. Hammeessitoota namaa. 1sam. 29:4 2Sam. 19:22 1Mot. 11:14, 20, 29; Far. 109:6
2. Hammeessitoota Ergamootaa Lak. 22:22-23; zek. 3:1

3. Hammeessitoota Seexanaa 1Sen. 21:2 1Mot. 22:21; Zek. 13:2

Boodarratti yeroo kakuu Uma. 3 irratti bofi Seexana jechuudhaan beekama ( macaafa ogummaa 2:23-24; II Heenok 31:3), isaan booda kun filmaata Barsiisotaa ta'e (*Sot* 9b fi *Sanh*. 29a). Uma. 6 irratti kan argaman ijoolleen Waaqayyoo 1Hen. 54:6 irratti Ergamoota ta'u. Kana kanan jedhuuf, sirrii ta'uusaa mirkaneessuuf jedhee miti, garuu guddinasa agarsiisuuf jedheeti malee. Kakuu harawaa keessatti hojiin Kakuu Moofaa Ergamootaaf, hammeenyota qaama warra akka namaatti ibsamaniif kan kennameedha (1Qor. 11:3 mul. 12:9

Hammeenyi qaamaa inni akka namaatti ibsamu ka'umsa isaa Kakuu Moofaa irraa murteessuuf rakkisaadha. (ilaalcha nama dhuunfaan kan daangeffamuudha) kanaaf sababoota tokko kan ta'u tokkummaa Israa'elotaa isa jabaadha. (!mot. 22:20-22:Lal. 7:14 Isa. 45:7 Amo. 3:6) Addummaasaa mul'isuuf sababooti hundumtuu gara Yahiwetti agarsiisu. (Isa. 43"11; 44:6, 8, 24, 45:5-6, 14, 18, 21, 22 )

Kallattii ittiin ragaan sassaabamu keessa inni tokko kan xiyyeeffatu (1) Iyo. 1-2 dha Seexanni "Ijoollee Waaqayyo" kan itti ta'e (jechuun ergamaa) fuula Waaqayyo duratti (zek. 3) yookiin (2) Isa. 14, Hiz. 28 inni oftuulaan Mootota warra baha cina yeroo itti taa'e (Babilooniifi Qiroos) oftuulummaa Seexanaa mul'isuuf hojiirra oolan. (1Xim. 3:6) Hisqi'el tooftaa inni itti waa'ee Jenneta Eeden itti fayyadamee ibse, MootiiQiroosiin akka Seexanaatti dhiyeessuu qofaan miti, (His. 28:12-16) garuu immoo, Mootii Misiraafi akkasumas akka muka isa hamaafi gaarii mul'isuuti. (Hiz. 31) ta'us Isa. 14, keessumaa lak. 12-14 oftulummaarraa kan kaasu hammeenya Ergamootaa kan ibsuudha. Waaqayyo uumama Seexanaafi ka'umsa isaa ibsuuf kan itti fayyadamuudha. Beekumsa Macaafa Qulqulluu kan fakkaatu isa tooftaa adda addaan dhiyaatu irraa of-eeguutu nurra jiraata. kutaa Macaafa Qulqulluu keessaa isa waan wal-faallessu fakkaatu barreeffamoota, akkasumas kitaabota adda addaa waliin makuun waan ibboo namatti ta'u akka hin uumne.

Alfred Edersheim *The Life and Times of Jesus the Messiah,* vol. 2, appendices XIII (pp. 748-763) fi XVI (fuula. 770-776) akka jedhutti Barsiisonni Yi'udummaa dualismii warra Faarisiifi ibsi Seexanummaa baay'inaan dhiibbaa irratti godheera. Naannoo kanatti dhugaa jiruuf Barsiisonni ragaa gaarii miti. bakka kanatti Iyesuus barsiisa Mana Qulqullummaatti barsiifamu irraa garagarummaa guddaa qaba. An akkan yaadutti Barsiisotaaf yaadirimee kan ta' kadhta Ergamootaafi mormii, Museedhaaf gaara Siinaa irratti abboommiin yeroo kennameef angafoota Ergamootaa YHWH fi ilma namaa mormuuf karaa argatan. Waaqi tolfamaan warri Iraan lamaanuun *Ahura Mazda* (Waaqa isa gaarii) fi *Angra Mainyu* (Waaqa isa gadhee) ol-aantummaaf lafa irratti akka dirree waraanaatti wal-lolaniiru. Lola kana booda Judaism keessatti dualismii guddachaaaa dhufe, YHWH fi Seexana gidduutti.

Hammeenya isa Qaamaa ilaalchisee mul'ati itti fufiinsa qabu Kakuu Harawaa keessa jira; garuu akka Barsiisotaa ibsi kan itti kenname miti. Garaa garummaa kanaaf fakkeenya kan ta'u lola Samii irratti ta'eedha. kufaatiin Seexanaa bifa adda ta'een hin dhiyaanne. Kanumti kennameef iyyuu fakkeenyuma mul'ataan haguugameera. (Mul. 12:4, 7:12-13) Seexanni yooma illee mo'amee gara lafaatti gadi darbatameera ta'e iyyuu, har'a iyyuu akka tajaajilaa YHWH, tti hojjeta. (Mat. 4:1; Luq. 22:31-32, 1Qor. 5:5 1Xim. 1:20).

Xiyyeefannaa naannoo kana irratti qabnu dhaabuu qabna. Dhiibbaa dhuunfaa kan ta'ee fi qormaatini isa hamichaa jira garuu Waaqayyo tokkichi jira, akkasumas ilmi namaa filannoo ofii isaaf itti gaafatummaa fudhata. Lolli hafuuraa ni jira, karaa lamaaninuu fayyuu duras boodas. Mo'ichi argamuu fi hafuu kan danda'u tokkummaa Waaqota sadanii keessatti. Inni hamaan mo'ameera akkasumas hin bada.

▣ **"Mataa keessan sababa bituu dadhabuun"** jechi kun Kratos dha, hiikii isaas "humna" "jabina" "bituu" yeroo ta'uu ALPHA PRIVATIVE hiiki isaa alta'aadha. Kana kan fakkaataan hiri'inna mataa ofii bittuu kan heeree

1. Maatihos 23:25 innis barreesitootaa fi Fariisoota wajjin kan wal qabate
2. 1Qoro 7:5 warra wal fuudhan lamaan wajjin kan wal qabate
3. 2Ximoo 3:3 hameenyaan kan barreefamee

Jechii walii wajjin deemuu, *egkrateia*, mataa ofii hiika to'achuu qaba, keessuumatti qunamtii saalaatiin wal qabate

1. Hoji ergamoota 24:25 tarreefama gaarii keessatti Phaawulof Fillipsiif kan dhi'eesse
2. 1Qoro 7:9 ibsa Phaawulos irratti, waa'ee mirga gaa'ilaa
3. 1Qoro 9:25 shaakala atileetootaa wajjin wal qabachiisuudhaan
4. Galaatiyaa 5:23 tarreefama Phaawulos keessatti waa'ee ija hafuuraa
5. 2Pheexiroos 1:6 ibsa amalaa tarreefama keessatti, bilchina kan fidan

Mataa ofii bituu jechuun (1)Hafuurri qulqulluun ija hafuuraa fi (2)Fedha uumamaa to'achuudhaan shaakala guddatee dha. Kan labsamee hafuura namaa foon irratti olaantummaa ta'uu danda'a, biyya lafaatis gargaarsa hafuura qulqulluu. Fedha uumamaa hamaa miti, Waaqayyoo daangaa kennee ala haga in baasiniti.

**7:6**

**NASB** **"Haa ta'uu malee gorsa kana nan jedha malee aboomu miti"**
**NKJV** **"Haa ta'uu malee kana akka gorsaati nan jedha ajaja utuu hin ta'in"**
**NRSV** **"Kana bifa gorsaan nan jedha ajaja utuu in ta'in"**
**TEV** **"Kana kanin jedhuu akka aboomitti miti, akka fedhaati male"**
**NJB** **"Kana kanan isinitti himuu akka gorsaati, akka ajajaati utuu hin ta'in"**

Lakk.6 kan heeruu (1)lakk.1-5 (2)lakk.3-5 (3)lakk.5 (4) lakk.7 dhaa? Phaawulos hafuura qulqulluu geggeessa ta'uu yaada isaa kenneera. Innis kan eeguu

1. Deebi'ee dhufuu isaa yeroo kamitti
2. Hari'atama dabaluu sa'aati kamitti
3. Beela itti fufee jiruu

Akeeka isaa amantoota gargaaruu ture, haala yerichaa akka danda'an, isaan murteessuudhaaf utuu in ta'in.

**7:7 "Namooti hundumtuu akka koo akka ta'an nan barbaada"** kun argisiisuu kan danda'uu (1)Phaawulos akka namni in fuune (2)Phaawulos akka ergaa isa guddaatti yookaan (3)Phaawulos akka nama mataa isa biteetti (lakk.9). Phaawulos tarii yeroo tokkoo fuudhee ta'uu danda'a, sababni isaa Yihudootni aadaa wal qabataa dhiibbaa burquu fi Hoji ergamootaa 26:10 argisiisuu irraa kan ka'ee, kunnis, Phaawulos miseensa shangoo Yihudootaa ta'uu waan danda'uuf (jechuun, "kakadheeraa hoo". Miseensa shangoo Yihudoota yoo ta'e fuudhuutu irra jiraata

Fedhiin Phaawulos tokkoon tokkoon amanaa iddoo jirutti akka ta'uu dha. Kunnis karaa baay'eedhaan ibsameera.

1. Phaawulos deebi'ee dhuufatti isaa bara jireenya isaatiti eegee waan tureef hundumtuu amantootni jaarraa tokkoo akkuma godhan. Yesus yeroo ta'eeti in deebi'a jechuu dha (mata duree addaa 6:14 ilaali). Kana jechuun Kristoosiin gara fakkaachuutiin sochoosa cimaa ta'uudhaaf bara jireenya hundumaati wangeella babalisuuf.
2. Phaawulos yaada isaa ilaalamuu kan qabu ajaja Waaqayyootiin "baay'achuudhaaf baay'suuf" kunnis seera uumamaa 1:28. Kiristaani hundumtuu kan in fuudhiin yoo ta'ee dhalooti itti fufee jiruu mal ta'aa?
3. Phaawulos mataan isaa ilaalcha gaa'ilaa ol jedhaa qaba (6:16), akkam godhee ibsuu danda'a, fakkenyaa fi waa'ee Kiristoo fi waa'ee Waldaa kiristaanaa akkasumas waa'ee haadhamanaa fi abbaa manaa walbira qabee dhi'esuu irraa kan hafe, Efe 5:22-33?

▣ **"Tokkoon tokkoon namaa Waaqayyo irraa kennaa mataa isaatii qaba"** kun agarsiisuu kan danda'u fuudhuu dhiisuun kennaa hafuuraa jiran kessaa isa tokko ta'uu isaa (Maatihos 19:12). Inni tarreefama kennaawwaan keessatti hin ilaalamne (Roomee 12, 1 Qoro 12, Efeson 4). Innis akkuma kennawwaan kan biraa gochaa adda ta'eef hojii akka ta'ee in fakkaatu. Phaawulos "kennaa" kan itti fayyadame bifa addaatiin.

## I Qorontos 7:8-9

**8 Warri hin fuudhinii fi warri abboonni manaa isaanii irraa du'an, akka koo fuudhaa fi heeruma malee yoo hafan isaaniif ba'eessa, nan jedha. 9 Of qabuu hin danda'an yoo ta'e garuu haa fuudhan, haa heerumanis; kajeellaa fooniitiin gubachuu irra fuudhuu, heerumuus in wayya*.**

**7:8 "Warra in fuudhiinii fi warra abbaa manaa in qabne"** jechi jalqabaa dhiira dha akkasumas agarsiisuu kan danda'uu (1)Namooti hin fuudhiin hundumtuu yookaan (2)abbaa manaa warra du'aniti. Jechi lama dubarti dha kan wajjin deemu (1)abbaa manaan isaani kan irraa du'ee yookaan (2)warra abbaa manaa hin qabne

▣ **"Isaanif gaarii dha"** 7:1 irratti kan jiruu "gaarii" dha kan jedhuu yaadannoo ilaali.

▣ **"Akka"** kun haala sadarkaa tokkoo innis gocha cimaa kan callaqisisuu dha.

▣ **"Akka koo ta'anii haa turan"** Phaawulos kennaa kan hafuuraa isaa lakk.7 irratti amma heerera. Garuu lakk.kun kan heeru jireenyatti kan jiru haala, kennaa utuu hin ta'in. tarii "kennaa" qabiyyee barrefama kanaatiin fayyadama irra kan oole akka gar tokkooti jechuu yookaan kan yaadati.

**7:9 "Akka"** kun haala ramaddii sadarkaa tokkootti, innis yaada barreessa yookaan kaayyoo barreefama isaa sirri dha jedhamee yaadama. Baay'een fuudhuu kan barbaadan hamaa waan ta'aniif miti haa ta'uu malee kennaa fuudhuu dhiisuu waan hin qabneef.

▣ **"Mataa isaani of to'achuu yoo dadhaban"** kun gura warra ammayyaatif sagallee alta'aa dha. Phaawulos jechaa kan jiruu fuudhii mataa isaani warra of to'achuu in dandeenye malattoo amanaati ta'uu isaatii? Innis kan kaasee ejjeennoo kan hafuuraatii? Guutummaa qulqulluu sagallee isaa barsiisa irraa kan ka'ee dhugaan kun ta'uu in danda'u. Phaawulos yaada isaa kennaa kan jiru kan yeriichaa kan naannoo, haala yerooti. Kun waa'ee fuudhaa fi warra in fuudhiin yaada wali galaati. Gaa'illii wantoota hamaa lamaan xinnoo in qabu, ta'us, qunamtii saalaa gadidhiisaa yeroo hundumaa wali galtee dha ala.

▣ **"Wal haa fuudhani"** gochi kuni xiyaafata ammaati. Phaawulos gaa'ila degeerera (1 Xiimoo 5:14).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Hawwiidhaan gubachuu irraa fuudhuu wayya"** |
| **NKJV, TEV** | **"Hawwii dhaan gubachuu irra fuudhu wayya"** |
| **NRSV** | **"Fedhiidhaan boba'uu irra fuudhuu wayya"** |
| **NJB** | **"Gubachuu irra fuudhuu wayya"** |

"Fuudhuu" (gocha hin xumuramiin ammaati) fi "gubachuu" (kan hojii irra oole ammaa kan hin xumuramin) faallaa gidduu jiruu hubadhu. Gaa'elli itti fufeenya kan qabuu miira to'ana jala galcha. Kunnis immoo gaa'ila kan gachisiisuu yaada miti, haa ta'uu malee gocha hubannaati. Gaa'ili cimaadhaa fi kan irra deddeebi'uu ta'ee Waaqayyo kan kennee yaada isaa karaa ittin raawwatu karaa qulqulluu dha. Jechi wal fakkaataan kun "gubachuu" Phaawulos waa'ee mataa isaa fayyadama irra oolera 2 Qoro 11:29 irratti kanaafis inni kan batalaa jecha alta'aa miti.

## I Qorontos 7:10-11

**10 Warri wal fuudhan akka gargar hin bane nan abboma; kanas gooftaatu abboome malee ana miti; haati manaa abbaa manaa isheetti gargar hin ba'in! 11 Yoo abbaa manaa isheettii gargar baate garuu, utuu hin heerumin haa teessu yookii immoo abbaa manaa isheetti haa araaramtu, abbaan manaas haadha manaa isaa hin basin*!**

**7:10 "Kan fuudhaaniif"** ramaddii sada dha, ergichii kan isaan ga'ee "kan hin fuudhiin" "haadha manaan isaani kan dua'ani" fi amma "kan fuudhan".

▣ **"Ana miti gooftaa malee"** kara gaalee kanaa Phaawulos kan Yesus jecha baay'ee heerera, hundumaas yoo ta'uu dhaa baate kan wangeela wal fakkaatan keessa, hiikuu kan ilaalatee (Maatihos 5:32, 19:6, Maari 10:11-12, Luqaas 16:8). Kun fakkeenya gaarii dha Phaawulos, gooftaan waa'ee hiikuu kan inni barsiisee keessaa bifa hundumaan kan hin ilaale, tokko qofa male. Ergaan Phaawulos "galmee yeroo" dha. Inni kan mormaa jiruu warra birmaduu yookaan kan of qaban xin-waaqummaa gadi deebi'aa dha. Haalli kun Phaawulos itti murteessuu itti fufeenya qabu kan barsiisoota sobduu yookaan garreewwaan tokko tokkoo ibsa kan jabeessu, garuu immoo kan dhaadannoo isaani murtaa'ummaa kan argisiisee dha. Dhugaa walakkaa ta'ee sirreesuudhaaf baay'ee rakkisaa dha, keessumati dhimmicha kara lachanuu kan walin dha'amuu yoo ta'e!

▣ **Akkasumas haati manaa abba manaa ishee in dhiisin"** kun kan agarsiisuu amannoo lamaan ta'uu isaanitti (lakk.12-16). Dubartootni hiikuu raawwachuudhaaf akka Yihuuditi mirga in qaban, hawaasa Roomee biratti garuu in danda'ama. Fudhatama kan argatan aadaan yoo hiyamees yoo hiyamuu baatees amantootni waan tokkoo fayyadama mirga mataa isaanui oolchuudhaaf jechuu miti, yookaan gara maqaa hin waamamneeti dhoksuu miti, sababni isaa tokko <u>in danda'a</u> jechuun <u>dirqamatti</u> in godha jechuu miti (Roomee 14:1-15:13). Ogummaa kan qabu hubachiisa qabu hiikuun fillannoo gaarii kan qabuu kan inni ta'u.

1. Dogogora lamaan keessa inni xinnaan
2. Araarsuu yeroo dadhabamuuti

3. Hiriyaa ga’iilaatii fi ijoollee irratti balaan yeroo geggeefammu

Tuqaa kanaan dabalee cimsa kennuu kanan barbaaduu maqaa Waaqummaatiin kan godhamuu kakuu macaafa qulqulluu guddummaa isaati. Gaa’illii kiristaanaa kakuu amantaati! Waaqayyoo amantaa kan in qabne hawaasa caalaa, maqaa isaa akkam goone akka qabannu amantoota itti gaafatamaa godha. Gaa’illi dhaabataa ta’u qaba. Gaa’illi seera, adda osoo hin ta’in. bara 2002 Kaaba Ameerikaatti godoo aadaa (gaa’iloota) kan dhibbaa (jechuun, abbaa manaa, haadha manaa, fi ijoollee) gara 23%ti gadi bu’eeraa! Salphaati rakkoon wal hiikuu in argituu? Gaa’illi dursa sagallee Waaqayyootiif kakuu galuu dha akkasumas isa boodaa nama biraatiif. Asi irratti cimaa godoo kiristaanaa bara keenyatti dhuga baati cimaa meeshaa dha, bara keenyatti (Room durritti akkuma ture hundumaa).

**7:11 “Akka”** kun ramaddii sada hima haalaati, innis gocha cimaa kan argisiisuudha. NASB gaalee kanaa hammattuu keessatti in kaa’a, akka yaada cimaatti. Bifa cinaatiinis hiikuun hawaasa kiristaanaa akka raawwatan argisiisa.

▣ **“Utuu hin heerumiin haa teessu”** kun gocha xiyaafannoo ammaati. Gaaffiin gaa’ila kiristaanaa rakkisa dha. Keessa deebii 4 Museedhaan kan barreefamee gaa’ilaaf akka ta’ufi dha. Gaaffii Faarisootaaf Yesus kan deebise, dhimma mata duree kanaa kallatiin kan ilaalatu miti inni tokkoo, Mariqoos 10:11-12 akkamitti jechuu danda’a. Rakkinni isaa wangeelli kun adda kan ta’an gaalleewwaan kan akka Maatihos 5:32 itti dabalamuu dhiisuu isaati. Gaaleen adda ta’ee gaa’ila irratti dabalee itti firoomaa? 1 Ximoo 5:14-15 bara keenyatti bali’isaani gochuutu irra jiraata, gareen bal’aa ta’ee “dargageessa haadhi manaa duraa duute” caalaa. Dhugaan isaa Waaqayyo warra hin fuunne of eegata, fuudhuu kan barbadaan 1 Qoro 7:9 nuuf hawaasa rakkatee immoo. Namoonni Waaqayyoon kan uumaman akka uumama fedhaatti. Kennaan fuudhuu dhiisuu hagaa kan biraatti, fi/yookaan bilchina mataa ofi to’achuu, saba Waaqayyof sirrii kan ta’ee fillannoo qunamtii saala qabaachuutu irra jira, qunamtii saalaa safuu malleessa raawwatee fillannoo hin ta’u, haa ta’uu malee kan kiristaanaa dabalanii fuudhuun tarii fillatamuu kan qabuu fillannoo ta’a. Ayyaana fi mul’ata dirqamatti asitti hojii irra ooluu qaba.

▣ **“Yoo ta’uu baate abbaa manaa isheeti haa haraaramtuu”** kun gocha xiyaafataa hojirra oleedha. Kan kana fakkatan haala aadaa dursan kan fudhan, kan Phawulos filannoo kan ture (1) fuudhaa dhisuu ykn (2) araaramudha.

Lakkofsi kunii fayyadamara hin’oola kan ture akka jabaaf cimaa seera waliigalaati, amantootii ammayyaa. Araaramun yeroo hundumaa abidiidha, hiriyaa inni tokko lammata hamma gaa’ela hiwannetti. Haala sanaan hawwii barbaadu ta’uu isaa hindhumaaf (jechuun, Kakuu Moofaattii dhorkameera).

1[f]Qor hiikuun rakkisaadha,sababi isaa

1. Ifa kanta’an dhimmi aadaa jiru, isaanis aadaa warraa lixaa ammayaa kallattii dhaan kan isaan hin-ilaalanne (jechuun, nyaata waaqa tolfamaaf dhi’aatu, hiriyoonni durbaa tajaajilaf, kan kana fakatan …).
2. Wantootii bifa nammummaa qaban garee lamatu jira (jechuun, kan of qaban ykn kan birmadduu) ykn gareen xin-waaqummaa . Jechooti Phawulos dhugaan ittii ammatame cimsuudhaaf kan yaalanii dha, hata’u malee bu’aa isaa hin murtessa (jechuun,……., hinfuudhina, tokko iyyuu seerri hinjiru, kan jedhu birmadummaan, yoo itti dhagaa’ame gaaridha, godhi kan jedhan).

Isaan amali kun kan callaqisiisaan sirritti in beekamu (1) Yihuudii/Ormoota (2)Kan seera/birmaduu (3)bifa namummaa yookaan (4) bifa lama kan qaban yaada warra Girikii (booda irratti garee Ginoostikii irratti argameera). Jeeqamsichii kan dhufuu hiiktoota ammayyaa yeroo isaan hin beekneetii dha.

1. Dhaadanoochi maal akka ture
2. Burqaa dhaadannoo
    a. Lallaba duraa Phaawulos
    b. Yihudummaa
    c. Seennawwaan/qoodota Ginoostikii

Phaawulos hamoota hundumaati in dubbata! Rakkisaa kan ta’u jechoota isa kami amantoota dhugaadhaa fi akka ta’ee murteessuuf isa kamtuu immoo garree geggeesitootaaf akka ta’u dha. Hiiktooti ammayyaa dhaga’uu kan barbaadaan in dhaga’uu akkasuma kan hin barbaannee hin ceepha’u! hiiki keenya waa’ee xin-waaqummaa

keenya caalchisanii dubbatu, Phaawulos irraa gara magaalaa Roomee jaarraa tokkoo akadiyaa irraa caalaa xalayaa caafamee caalaa.

▣ **"Haatii manaa abbaa manaa hiikuun irra hin jiraatu"** qabiyyeen barreefama kanaa amantoota fuudhaan akka ilaalatu hubadhu. Galmee kana irratti bifa lama kan Kakuu Haaraa tuqaan addaa jiru, (1)Sirrii kan hin taane qunamtii saalaa (Maati 5:32, 19:9) fi (2)Amanuu dhiisuu (lakk.12, 13).

## I Qorontos 7:12-16

**[12]Warra kaan immoo gooftaa utuu hin ta'in ani nan gorsa; namni amane tokko haadha manaa hin amanin yoo qabaate, isheenis abbaa manaa ishee sanaa wajjin jiraachuu yoo jaallatte, inni ishee hin basin!**
**[13]Dubartiin amante tokko abbaa manaa hin amanin yoo qabaatte, innis haadha manaa is asana wajjin jiraachuu yoo jaallate, isheen namicha gad hin dhiisin. [14]Abbaan manaa hin amanin karaa haadha manaa isaati Waaqayyo biratti fudhatamaa dha; haati manaa hin amanin karaa abbaa manaa isheeti Waaqayyo biratti fudhatamtuu dha. Yoo akkas ta'uu dhaabaate ijoolleen keessan Waaqayyo biratti fudhatamoo miti, amma garuu fudhatamoo dha*. [15]Isin keessaa inni hin amaninhidhata isaatti gargar ba'uu yoo fo'ate garuu, gargar ba'uu in danda'a; Waaqayyo jireenya nagaatiif waan isin waameef, yeroo kanatti inni amane yookiis isheen amante hidhata gaa'elaatti hiikamuu isaanii ti*. [16]Ati dubarti nana! Abbaa manaa kee gara amantiitti akka fiddu attamitti beekta? Atis namicha nana! Haadha manaa kee gara amantiitti akka fiddu attamitti beekta*?**

**7:12 "kana irraa kan hafee"** kun argisiisuu duraan dursaanii kan wal fuudhaan waaqa tolfamaa kan waaqessaan yeroo ta'uu inni tokko amanaa ta'eera. Kunnis kan in ammane akka fuudhuu fi akka ragaatti fayyadama irra oolu hin danda'u.kun kan argisiisuu lamaanuun isaanii inni guddaan akka isaan amane ta'uu isaaniti. Inni tokkoo Kristoosin fudhateeraa adeemsa keessa kan biraanis in fudhata abdii jedhuu qaba (lakk.16.)

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Anis nan jedha, gooftaa utuu in ta'in"** |
| **NKJV, TEV** | **"Ani, gooftaa utuu in ta'in"** |
| **NRSV** | **"(Ani mataan koo, gooftaa utuu in ta'in)"** |
| **NJB** | **"Ajaji kun kan mataa kootiti, kan gooftaa utuu in ta'in"** |

Kana jechuun Phaawulosin bira liqimfamuun hinjiru jechuu miti, haa ta'uu malee akkasumas, Phaawulos dhimma addaa kana irratti barumsa Yesus akka hin beekne yaadachiisuudhaaf. Phaawulos kan isaa liqimfamuu yaada lakk.25 fi 40 irratti boqonnaa kana keessatti cimseera.

▣ **"Akkaa"** kun sadarkaa tokkoo haala himaati. Kan fuudhaan wal makan Qorontosiin turan. Kun kan argisiisuu lallaba Phaawulos ija qabeessaa fi nama hin amanin wajjin wal fuudhuun rakkina inni fiduu dha.

▣ **"Innis hiikuu in qabu"** kunnis gocha xiyaafata ammaati lakk.13 irratti cinaan akka jiruuti.

**7:14**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | |
| **NJB** | **"Abbaan manaa in amanee qulqulla'eera"** |
| **NRSV** | **"Abbaan manaa in amanee qulqulluu ta'eera"** |
| **TEV** | **"Abbaan manaa in amane Waaqayyoodhaan fudhatama argateera"** |

Kun hojii irra kan oole kan xumuramee kan argisuiisuu dha. Lakk. 14 irrattia akka jiruutti gaalee wal bukee. Kana jechuun kan in amannee hiriyaa gaa'ilaa fayeera kan jedhuu murtiin hin jiru. Kun kan wajjin adeemu tokko tokkoo Qorontos kan jiran birratti kan hin amanin wajjin wal fuudhuun cubbuu isaanitis wajjin hirmaachuu jechuu dha. Tarii Phaawulos waa'ee foon tokkoo ta'u kan inni barsiisee dhageesse ta'a (6:16-20). Kun dirqamatti kan wajjin deemuu amanaa kan ta'ee hiriyaan gaa'ilaa maatii isaa irratii kan inni geesisuu dhiibbaa gaarii dha. Kun kan in amaniin Kristos irratti ejjennoo inni qabuu wajjin kan adeemu ta'uu danda'a. kan hafuuraa fayyuudhaaf karaa Kristos kan ta'uu amantii dhuunfaa qalbi jijjirannaa malee karaan biraa hin jiru. kan abbaa wangeellaa galma amanaati, isaaf/isheef hiriyaa gaa'iilaa (lakk.16).

▣

**NASB, NIV** **"Haadhii manaa in amannee karaa abbaa manaa ishee qulqulloofteeti"**
**NKJV, NRSV** **"Haadhii manaa in amannee abbaa manaa isheetin qulqulloofteeti"**
**NJB** **"Haadhii manaa in amannee karaa obboleessa ishee qulqulloofteeti"**
**REB** **"Haadhii manaa karaa abbaa manaa amanaa"**

Gaalee kanaa irratti barreefamni Girikii adda addummaa qaba. Baay'een bareesitioota Girikii durii "obbooleessaa" kan jedhu qaba "abbaa manaa amanaa" caalaa (MSS p46, a*, A, B, C, D*, G fi P). barresitootni Girikii jijjiiraniiru isa duraa wal bukkee gaalee wajjin wal madaalaa gochuudhaaf (MSS, a C, DC, K, fi L). UBS[4] "obboolessa" (sirritti) "A" (A) sadarkaa kenna.

▣ "Yoo ta'uu baatee ijoolleen keessan xuraahoo dha, amma garuu kan qulqulla'anii dha" gaalee kana irratti hiika baay'ee qabu inni kan argisiisuu

1. Walitti siqeenya ijoollee (jechuun, kara seeratiin)
2. Qulqulluummaa guyyaa ayyaanaa (jechuun, kara Yihudootaatiin)
3. Hiriyaa gaa'ilaa in amanee ijoolleen mana keessatti akka kirstaana tokkootti waa'ee eebba hirmaataaniif (jechuun, bifi hafuuraa)

Baay'een lakk.kana hiikuu kan yaalaan cuuphaa ijoollee wajjin wal bira qabaniti, haa ta'uu malee kun raawwate ta'uu kan danda'uu in fakkaatu. Sababi isaa amanaan ijoollee wajjin walitti dhufeenya inni qabu amanaan kan in amaniin hiriyaa gaa'ilaa wajjin walitti dhufeenyi inni qabu raawwatee wal fakkaata ta'uu isaati. Mata duree addaa qulqulluu 3:17 ilaali.

7:15 "Akka" kun sadarkaa tokkoo hima haalati. Kiristanummaan mani tokko tokkoo akka diigamuu godheera (Maati 10:34-36, Luq 12:49-53).

▣

**NASB, NKJV** **"Kan kana fakkatuuf in bitaman"**
**NRSV** **"Kan kana fakkaatuuf obbolootaas ta'ee obboleetiin in bitaman"**
**TEV** **"Kan kana fakkaataan kiristaani hiriyaa gaa'ilaa, abbaa manaas ta'ee haadhi manaa bilisa"**
**NJB** **"Dhimoota kana irratti obbolleesas ta'ee obboleetiin kana booda hin bitaman"**

Kun kan xumuramee hojii irra kan oole kan argisiisuu dha, "bitamuun" jechi jedhu. Kun kan argisiisuu kiristaanoonni haala aadaa adda ta'ee seera wal hiikuu kakaasuudhaaf kan barbaadan in fakkaatan, haa ta'uu malee hiriyaan gaa'ilaa in amannee yoo gaaffatee hiyamameeraaf. Kunnis kan hin amanin amantoota fuudhaani wajjin kan wal qabatee walitti dhufeenya tokkoo iyyuu hin qabu, haali kun kan argisiisuu hiriyaa gaa'ilaa kan in amannee ta'aani inni tokkoo kan geedaramee yoo ta'ee dha. Akka qabiyyee bareefama isaa yoo ta'ee kun kan argisiisuu gargar ba'uudha malee deebisani wal fuudhuu miti (lakk.11), ammam illee haalli barreessuu Phaawulos "hidhamuu fi hiikamuu" kan jedhuu seera Yihudootaa wajjin baay'ee yoo wal fakkaatee illee innis gaa'ila lamaa Seera keessa deebii 24:1-4 hordofee akka ta'e yaadama. James S. Jeffers the Greco-Roman world (addunyaa Girikoo-Roomaa akka jedhuuti).

> "Wali hiikuu jechi jedhuu kan hiikamee I Qorontos 7:15 kan argisiisuu wal hiikuudhaf, akkasumaas yaada rimeen seera qabeessi kan warra ammayyaa gargar ba'uun kan isa fakkaatu waan in qabannees" (fuula 247).

Ta'us, dhimi wali hiikuu Phaawuloosiif sirridhumatti hidhaa kan ta'ee barumsa Yesusiti (Maari10:2-12). Phaawulos "fuudhuu dhhiisuun" kan inni xiyaafatee "kan in hidhamin" fi lama gaa'ila hiriyaan gaa'ilaa kan du'aniif.

▣ **"Waaqayyo nagaaf nu waameera"** kun gocha xumuramee kan argisiisuudha. Innis kan argisiisuu Waaqayyoo biraa kan ta'e nagaa kunnis amanaa keessati fi mana isaatti kan ta'uu nagaa kan fiduu dha. Waaqayyoo ijoollee isaa gammadoo kan jaalalaa kan raawwatamee akka jiraatan barbaada. Kun yeroo baayee didaa, hiriyaa gaa'ilaa in amane birratti hin danda'amu, al tokko tokkoos kan hin bilchaane, nama dhuunfaa, kiristaanaa cubbammaa hiriyaa gaa'ilaa birratti in hojjeetu! Kun nagaa dhabuu tokko tokkoof "kiristaanaa" mana diiguu sababa guddaa ta'eera. Yeroo baay'ee tokko hiriyaan gaa'ilaa kan amanuu ta'uu danda'a, haa ta'uu malee

kan hin bilchaanne ta'a. Nagaan hundumaan "kiristaanaa" manatti hin argamuu! Ani dhuunfaa kooti Phaawulos qabiyyee barreefama kanaan kan hiyamee yoo ta'ee wali wajjin taa'aa kan jedhuu kan falmuu natty hin fakkaatu! Balaa kan ta'an qaamaa fi miiraa haalota qabu. Kunnis rakkiisaadhaa fi kan dhaabuufi wali gala kan dirqisiisuu seera ta'uu hin danda'uu innis hiikamuu kan qabuu qabiyyee barrefamaatii fi haala barreefama biraatin. Nuyi sagallichaaf kabaji nuyi qabnuu fi kan seenaa, bifa mul'ataatiin madaalamaa gochuun baay'ee rakkisaa dha (jechuun macaafa qulqulluu).

UBS[4] barreefama B (B) in filata) "isin" kan baay'eeti, innis kan argamuu MSS ▯*, A, C, K irratii dha, "nuyii" kan jedhuu bakka bu'aa (MSS p46,! 2, V, D, F, G). maqa dhal kan ilaalatee garagarummaa kan qaban barreefamooti baay'een jiru.

7:16 "Yaa abbaa manootaa haadha manoota keessan yoo fayifatan maal beektuu" asitti kan harkifatu lamaa hiika qaba, isaanis cinaan kan morman.

1. Dubbifamni kun hordofuu kan danda'uu 1 Pheexi 3:1-12 yeroo ta'uu, innis abbaa wangeellaa sababa guddaa dha, walitti dhuufenyi gaa'ilaa itti fufuuf (NRSV (NRSV), TEV (TEV), NJB (NJB), NEB (NEB), NIV (NIV))
2. Gaa'ili duraan dursee abbaa wangeellummaa in turre, inni hiriyummaa fi tokkummaaf ture, kanaafis hiriyaan amanaan hiriyaa in amannee raawwatee hin tursuu akka malee kan ta'ee qabaan kan jiruu fi jaalalli kan jiruu haali, abbaa wangeellaaf jecha qofa (hiikaa Filliphoosiifi LB yaadannoo miila jalaa ilaali.

## I Qorontos 7:17-20

**[17]Namni adduma addaan akka gooftichi isaaf qoodee kennetti, akka yeroo Waaqayyo isa waameettis itti fufee haa jiraatu; akkuma kanattis waldoota kiristiyaanaa iddoo hundumaa jiran nan seerra dha*. [18]Namni erga dhagna qabatee waamame, akka waan dhagna hin qabatin waamames dhagna hin qabatinii hin ta'in; namni utuu dhagna hin qabatin waamames dhagna qabachuu hin barbaadiin*. [19]Abboommota Waaqayyoo eegutu gatii qaba malee, dhagna qabachuun yookiis dhagna qabachuu dhiisuun gatii hin qabu*. [20]Namni adduma addaan waamicha Waaqayyo itti isa waame keessatti haa hafu,.**

**7:17**

| | |
|---|---|
| **NASB,** | **"qofa"** |
| **NKJV** | **"Garuu"** |
| **NRSV** | **"Ta'us"** |
| **TEV** | **irra darbameera--** |
| **NJB** | **"Yoo ta'es"** |
| **NIV** | **"Kan ta'ees ta'ee"** |

Kun kan inni beeksiisaa jiruu Phaawulos waa'ee dhimma walqunnamtii saalaa ibsaa kan godhatee kan babalatee dha. Jechi Girikii *eimē* hiiki isaa "kan irraa hafee" "kan hafee" yookaan "garuu" dha.

**▣**

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"Gooftaan tokkoon tokkoonif akka kenneefitti"** |
| **NKJB** | **"Waaqayyoo tokkon tokkooniif akka hireefitti"** |
| **TEV** | **"Isiniif gooftaan akka isinii godheeti kennaa"** |
| **NJB** | **"Gooftaan isaaf akka kafaleetti"** |

*Merizō* gochami jedhu kun hiiki isaa "kaffalluu yookiis hirmaachuu" dha. Innis saptuwajeentii (seera) fayyadama irra kan oole biyyatti abdii Yaahiwweedhaan Gosoota Yihudootaaf qoqoodamaa ture (Seera Ba'uu 15:9, Seera lakk.26:53, 55, 56, keessa deebii 18:8), innis sabaWaaqayyootif jecha haala godha, gochami itti fufee jiru "kan waamaman" akka jedhuu. Yaahiwween saba mataa isaa "waameera" isaanis maqaa isaa "waamataniiruu" qabiyyee barreefama kanaatiin gochami lamaan kan argisiisan kennu Waaqayyo addaati (7:7) namoonni isaa akka tajaajilan hiyamuu isaa (12:7, 11). Yeroo waamataniti haala jireenyaa kammin keessatti yoo ta'an illee, kan waamamanii fi kan fayyaan akkasumas kennaan ayyaanaa kan kennameef amma akka tajaajilaniif (jechuun, "iddoo jirtanitti taa'aa" lakk.8:17, 20, 24, 26, 40). Iddoo dhaabamtanitti daraaraa, gargaarsa Waaqayyootiin akkasumas haaloota adda ta'an tokko tokkoon.

▣

**NASB** **"Bifa kanaan haa deddeebi'uu"**
**NKJV** **"Kanaafis haa deddeebi'uu"**
**NRSV** **"Tokkoon tokkoon keessan jireenya keessan geggeessaa"**
**TEV** **"Jireenya keessaniin itti fufa"**
**NJB** **oon tokkoon akka kutaa isaati haa deddeebi'u"**

Kun akkuma jirutti "adeemuu" dha (jechuun, gochama xiyaafataa ammaa) kunnis tooftaa jireenyaa dubbii haalaa macaafa qulqulluutti (Efesoon 2:2, 10, 4:1, 17, 5:2, 15, Qolaa 1:10, 2:6).Phaawulos lakk. 18-20 maal jechuu akka ta'ee ibseera.

▣ **"Akkasumas waldaan kiristaanaa hundumaa nan abooma"** gaaleen kunyeroo hundummaa I Qorontositti in deddeebi'a (4:17, 7:17, 11:16, 14:33, 16:1). Waldaan kiristaanaa Qorontos waa'ee mataa isaani kan isan yaadan "kan addaa" "kan carroomaan" fi "kennaa addaa" akka qabanitti ture. Phaawulos dogogora beeka jechuu mormeera. Waldaa kiristaanaa hundumaatiif dhugaa wal fakkaataa akka barsiisee cimsuudhaan. Mata duree addaa waldaa kiristaanaa 1:2 irratti ilaali.

**7:18**

**NASB** **"Kan dhaqna hin qabatiin hin ta'in"**
**NKJV** **"Kara qabachuu dhiisuuti in deebi'in"**
**TEV** **"Mallattoo dhaqna qabachuu dhabamsiisuudhaaf yaaluun irra hin jiraatu"**
**NJB** **"Namni waamane tokkoo dursee dhaqna qabateera yoo ta'e akkuma dhaqna qabateeti turu qaba"**

Kun xiyaafataa hojii irra oole ammaati (7:18 B kan inni argamuu bukkeen immoo hojii irra kan oolee xiiyaafataa ammaati. Kun kan argisiisuu inni tokkoo mallattoo dhaqna qabachuu baqasanii hodhuun dhabamsiisuu dha (I Moqaabiyaan 1:15 fi Josefes Antiq 12.5.1).

**7:19 "Dhaqna qabachuus yoo ta'ee qabachuu dhiisuunis akkasumaan"** kun kan argisiisuu kan Kakuu Moofaa waaqeeffannaa fi seeroota Phaawulos akkamitti akka isaan ilaaluu dha (Hoji ergamoota 15, Room 2:28, 29, Galaa 5:6, Efe 6:5 mata duree addaa 9:9 ilaali). Dhimmii wal fakkaataan kun shangoo Yerusaaleemiif dhi'aatee turee Hoji erg. 15 irratti akkasumas Yihudootaan waldaa kiristaanaa Galaatiyaatiin kan gaafataman. Tuqaa kana irratti barrumsi Waaqayyummaa Phaawulos baay'ee ifaa dha. Ormooti waaqeffannaa Yihudoota, seera waaqeffannaa fi barsiifataa aadaa eeguun irra hin jiraatu. Amanaan Yihudooti Kakuu Moofaati shaakalli kakuu isaani dur hirmaachaa kan turan of jajuus ta'ee qaanna'uun irra hin jiraatu. Dhaqna qabanaan dhugaa laphee dha (10:16, keessa deebii 30:6, Ermi 4:4) kan foonii utuu hin ta'in, akkasumas inni kan ba'uu "kan dhaqna qabatee" guraa dha (Ermiyaas 6:10) Waaqayyoon dhagaa'uudhaafi hidhinnis (Ba'uu 6:12, 30) ergaa isaa akka dubbataniif, Kristoosiin kan ta'ee ergaa isaa haaraa (Erm 9:25, 26).

▣ **"Innii guddaan ajaja Waaqayyoo eeguudha"** kun cimsa kan laatu raajota Kakuu Moofaati, ajajamuun waaqefannaa caalaa baayee kan caalu (1 Samu.15:22, Isa. 1:11-17, Hos6:6, Amo. 5:21-27, Mik. 6:6-8). Waaqayyo gochaa kenyaa ilaaluu caalaa gara itti jallannuuf yaada laphee kenyaa ilaala. Waaqayyoo nama kufe wajjin waltti dhufenyini godhu, kakuu mofaatis ta'ee kakuu haarrati hundee kakuu irratti. Ajajamuun murteesaadha (Luq. 6:46), hat'u malee madaalliin kakuun murtaa'an adesa yerootiin jijjiramuu dada'u.

**7:20 "hundumtuu haala wamameen akkasumatti hadedeebi'u"** NKJV baayee jechaa akkuma jirutiidha, akkasumas tapha jechaa itti fufuudhaan "tkkoon tkkoon waamicha waamameen akkasumatti hata'u" jedha (Efe. 4:1,4). Kun xiyaafataa gocha ammaati. Barrefma kan hundumaan kan Phawuloos kan iradedeebi'udha (lakkofsa 8,17,20,24,26.40). "waamamuu" jechi jedha kan agarsiisu Kiristoosin yeroo fudhatanitti kan jiruudha (1:20). Mataduree addaa:waamamuu 1:1 ilaali.

## I Qorontos 7:21-24

**21Waaqayyo yommuu si waame garbummaa jala turtee? Kun si hin dhibin! Birmadummaa argachuu yoo dandeesse immoo, caalaatti itti jabaadhu*. 22Namni garbummaatti utuu jiruu waamicha gooftaa argate, goofticha biratti inni birmaduu dha; akkasumas namni birmadummatti utuu jiruu waamame, inni Kristosiif garbicha*! 23 Waaqayyo gatiidhaan isin bitate, kanaafis garba namootaa hin ta'inaa*! 24Egaa**

**obbioloota ko, namni adduma addaan waamicha itti waamame keessatti hafee Waaqayyoo wajjin haa jiraatu.**

**7:21 "garba"** Mataduree addaa 4:1 ilaali

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"birmadduu ba'uu yoo dandeesee garuu birmadummaa fudhadhu"** |
| **NKJV** | **"birmadduu ba'uun yoo siidandaa'ame fudhadhu"** |
| **NRSV** | **"birmadduu ba'uu yoo dandeesee amma haala irajirtuu kan duraa caalaa"** |
| **TEV** | **"carraan birmadummaa ba'uu yoo simudate, itti fayadam"** |
| **NJB** | **"carraan birmadummaa ba'uu yoo qabaatelle, akka garbatti haala irra jirtu guutuu guututti fayadamuuf filchuutu sirra jira"** |

kunsadarkaa tokkoo hima haalaati garboonni tokko tokkoo birmaduu ba'uudhaaf carran isaan mudateera, "godhi!" kan jedhuu kan gochaa xiyaafannoo gidduu galleessaa hordofee! Hiika lama kan wal harkifatu qaba.

1. Garbi ramaddii waamameen achumatti hafuu qaba, lakk.20, 24
2. Bilisa ba'uudhaaf carraa yoo argate, isa/ishe carra kana itti fayyadamuu qaba (NASB, TEVJB)

Kun kan inni wajjin wal simuu qabiyyee barreefama akkuma sanaan bilisumaa ta'ee dha. (1) kan fuudhee fi kan hin fuune lakk.9 fi 28 (NRSV, NJB) fi (2) kan amanan hiriyaa gaa'ilaa kan hin amaniin hiriyaa gaa'ilaa akka dhiisan lakk.15. Asitti gorsa dhuunfaa Phaawuloosi fi fillannoo amanaa tokkoo wal cina taa'eera. Amantootni hundumtuu isaan kana irraa "naannoo dummeessaa" wajjin walansoo ittiin qabutu irra jiraata. Gooftaas ta'ee sagalleen isaa dhimma tokkoo sirritti utuu in ibsin yeroo hafuu, amantootni "walitti maxannuu gaarii" isaaniif kenne! Bakka tokko tokkootti "hanga tokkoo" hundumaaf hojeechuu ndhiisuu danda'a.

## Mataduree addaa: Phawuloos gorsa inni Garbootaaf kenne

1. Bitamaa, haa ta'uu malee birmadumaaf carraan yeroo argamuu itti fayyadamaa (1 Qoro 7:21-24)
2. Kiristoosiin garbis birmaduunnis hin jiru (Galaatiyaa 3:28, Qolaa 3:11, 1 Qoro 12:13)
3. Gooftaadhaaf akkuma gootaani gootanii hojjedhaa, inni gatii in baasaa (Efe 6:5-9, Qolaa 3:22-25, 1 Pheexi 2:18-20)
4. Kiristoosiin garboonni obbooloota ta'aaniiruu (1 Ximoo 6:2, Filli lakk.16-17)
5. Garbooti gaariin gooftaadhaaf ulfina kennu (1 Xiimo 6:1, Tiitoo 2:9)

Phaawulosi garboota kan bulchaniif gorsa inni kenne

Kiristaanonni garboonii fi garboota kan bulchan gooftaa tokko qabu, kanaafis, wali wali deddeebi'uu kan irra jiraatu ulfinaan (Efesoon 6:9, Qolaa 4:1).

**7:22-23** Gooftaadhaan amantootni hundumtuu birmaduu dha, gooftaadhaan amantootni hundumtuu tajaajiloota (8:1-10:33, Room 14:1-15:13). Yesus, akka keenya go'el kan hojjeetamuu, cubbuudhaaf dhuunfaa irraa garbummaa irraa bilisa nu baaseera. Amma isa tajaajila (6:20, 7:23, Room 6, Qolaa 2:16-23).

**7:23 "Garboota namaa hin ta'inaa"** Girikii sagallee wajjin qooqaa jijjiiramuu dha. Al tokko tokkoo boci isaa hiika arkifataa lama qabaachuu danda'a. kun xiyaafaataa ta'uu kan danda'uu

1. Kan ammaa giddu galeessa "garboota namaa hin ta'inaa"
2. Kan amma hojii irra oole, "namootaaf garbummaan hin qabaminaa"

Qabiyyeen barreefama lamaanuu wajjin wal simata. Birmadummaan dirqamatti jiraachuu qaba, daangaa murtaa'een, birmadummaa, wal qunamtii fi cubbuuf utuu hin ta'iin garuu Kristoosiif (Room6 fi 14), tooftaan jireenya namoota dhuunfaa fillannoo birmadummaa, Kristoosiin haala fooya'een akkamitti tajaajilu akka qaban, kunnis haala ammaatiin kennaa Waaqayyootiin geggeefamuudhaan.

## I Qorontos 7:25-31

**[25]Waa'ee warra qeerrummaa dhaa fi durbummatti jiranii gooftaan abboommii hin kennine; ani garuu akka nama araara gooftaa argatee amanamaa ta'eetti, waa'ee isaanitiif yaada koo nan kenna*. [26]Rakkina**

**dhufuuf jiru kana keessaati namni utuu hin fuudhin akkasumatti yoo hafe ba'eessa anatti fakkaata*. [27]Seera gaa'elaatiin haadha mana ketti hidhamtettaa? Yoos ittii hikamuu hin barbaadin! Niitii hin fuunee? Yoos niitii fuudhuu hin barbaadin! [28]Haa ta'uu iyyuu malee, yoo fuute cubbuu hojjechuu kee miti; durbis yoo heerumte cubbuu hojjechuu ishee miti. Warri fuudhaanii fi warri heeruman garuu guyyaa guyyaatti jireenya isaanitti rakkinni isaan argata; ani immoo rakkina kana jalaa isin oolchuu barbaadee isin gorsuu koo ti. [29]Obboloota ko, yeroon si'anaa kun dhumuuf jedha jechuu koo ti; si'achi warri haadha manaa qaban akka warra hin qabaatinii haa ta'an*. [30]warri boo'an akka warra hin boo'inii, warri gammadan akka warra hin gammadinii, warri bitan akka warra qabeenya hin godhatinii haa ta'an! [31]Warri biyya lafaatti dhimma ba'an akka warra itti dhimma hin ba'inii haa ta'an! Biyyi lafaa inni amma mul'atu kun in dhidhima*.**

**7:25 "Ammas kan ilaalate"** kun mallattoo barreefamichaati, Phaawulos gara barreefama gaaffii kan biraatti kan naanna'ee dha, innis waldaa Qorontos irraa kan fudhate (7:1, 25, 8:1, 12:1, 16:1, 12).

▣
**NASB, NKJV**
**NRSV, NIV "Durboota"**
**TEV "Namoota hin fuudhiin"**
**NJB "Durbootaanii fi namoota hafan"**

Jecha kana irra kan jiruu gaaffii isa guddaa lakk.25 irratti kan jiru fayyadami isaa lakk.36 irra kan jiru fayyadama wajjin akkamiti akka firoomuu dha (lakk.36 irra kan jiru yaadannoo ilaali). Lakk. 25-35 kan jiru qabiyyee barreefama kan adeemu kan fakkaatu kan hin fuudhiin utuu in ta'iin faallaa isaa fuudhuu, innis akka haala yerootti ejjennoo fillatamaa dha, kunnis argisiisuu kan danda'u

1. Kan dhi'aatuu
2. Kan mootummaa hari'atama
3. Bakka baay'ee kan fudhate beela
4. Dandeetti namoota hin fuudhinni, Kristoosiin tajaajiluu irratti xiyaafachu

▣ **"Gooftaa irraa aboommi hin qabu, haa ta'uu malee yaada koo nan kenna"** jechi Phaawulos tokko tokkoo, itti fayyadamuu yaalaniiru, lakk.6 fi 25 irratti kan jiru, akka ergamaa taayitaa jiru gadi buusuudhaaf yookaan jecha kana fudhatanii kan liqimfamuu akka hin qabne. Lachanu miti. Kun ibsa jecha haalati, Yesus dhimma kana bifa addaatiin ibsuu isaa akka hin beekne fudhachuu isaa argisiisuudhaaf. Lakk.25 fi 40 kan argisiisani Phaawulos taayitaa ergamummaa isaa akka kennameefiti fi akka jireenya waldaa kiristaanaa ormootaa ishee durri dhimma ka'ee ilaaluu fi akka danda'ee dha.

▣ **"Haa ta'uu malee amanammaa akka ta'uuf haraara gooftaa kanan fudhadhee akka ta'e"** kun kan xumuramee hojii irra kan oole keeyata. Kun karaa haala taayitaa ergamummaa isaati fi geggeessuun hafuura qulqulluu keessa isaa akka jiru kan cimsuu dha.

**7:26**
**NASB, NKJV**
**TEV "Rakkina ammaa"**
**NRSV "Rakkina dhi'eete"**
**NJB "Haala dhiphinna nurratti ulfaateen"**

Kun karaa baay'ee hikameera, haa ta'uu malee baay'een boqonnaa 7 irratti barreefami jiran geggeessuu wali galaa ta'uu dhiisuu isaani ilaaluun baay'ee fayyada, isaan kan naannoo fi, haala kan yeroo Phaawulos deebbi inni kennee dha. Ilaalcha tokko tokkoon gaaleen kun kan heeru

1. Kufaatii aadaa waaqeeffannaa waaqa tolfamaa
2. Kan murtaa'ee haala naannoo Qorontositti
3. Wali gala beela Medetiraniyaanitti ture
4. Deebi'ee dhufaati isaa dhi'aachu isaa (lakk.29)

▣ **"Nama akka jirutti yoo ta'ee gaarii dha"** "gaarii" jechi jedhuu tapha jechaa qaba (7:1, 18, 26), hiikii isaas "kan faayidaa isaa" kan ta'e. Qabatamaa waan deddeebi'aa "yeroo fayyitanitti haala irra turtan akkuma sana ta'a" (lakk.8, 12-13, 18, 21, 24, 26, 27, 37, 40) kan jedhuu dha, ejjennoon xin-waaqummaa Phaawulos, mallattoo kanaan.

**7:27 "Haadha manatti hidhamteeta yoo ta'e"** kun kan argisiisuu kan xumuramee hojii irra oole dha *dēo*, jechi jedhuu hiiki isaas hidhuu yookaan shaf gochuu. Innis gaa'ilaaf bifa jecha haalaatiin galee dha (7:27, 39, Room 7:2). Gaalee kanaaf lakk.wal fakkaataa irratti wal bukkee qaba, innis immoo hojii irra kan oole kan xumuramee kan argisiisuu dha, "haadha manaadhaan in hidhamnee?" kan jedhu. Phaawulos kan inni barbaaduu dhageefatootni isaa bakka jiran akka turani dha.

▣ **"Hiikamuu in barbaadiin……haadha manaa hin barbaadiin"** isaan kun lamaan gocha xiyaafataa ammaati, gochama alta'aa innis yeroo hundumaa hiiki isaa adeemsa irra kan jiru gocha dhaabuu dha. Asittis tokko aja'ibsifatamuu danda'a, garreen adda addaa waa'ee maatii adda addaa murteessoonni akka falman (kan of qaban, gaa'ila, gadhiissi) yookaan kaayyoon Phaawulos Kristosii fi tajaajla olaanaa akka ta'e. kun dhimma deddeebi'aa dha. Phaawulos cimsuu kan barbaaduu

1. Hundumtuu bakka turan akka turanii dha
2. Kan hin fuunne yoo ta'e, Kristoosiin tajaajiluu irratti xiyaafata
3. Gaa'ila qabachuu barbaadeetti yoo ta'ee, rakkina in qabu, haa ta'uu malee gaa'ila keessan Kristosiin tajaajiluudhaaf itti fayyadamaa! Amantootni utuu hin fuudhiin kan haffan tajaajiluudhaaf yoo fuudhaanis tajaajiluudhaaf, ari'atama keessa yoo jiratanis tajaajiluudhaaf, billisummaa keessa yoo jiratanis tajaajiluudhaaf, amantii cimaa xin-waaqummaa keessa yoo ta'es tajaajiluudhaaf! Amantonni kan fayyaniif tajaajiluudhaaf.
4. 7:28 "Akka…..akka" isaan lamaan kun ramaddii sada hima haalotaati fi hiiki isaas gocha cimaa kan ta'ee dha.

▣ **"Cubbuu in gootaan"** Phaawulos haala adda ta'eef ibsaa jira, ibsa wali gala kennaa jira utuu hin ta'in. gaa'illii seera Waaqayyoo kennee dha (Uumama 1:28).

▣ **"Akkakee……..durba akka taate"** gaaffiichii isaan eenyuuf akka argisisaaniidhaa? Inni jalqabaa kan wajjin adeemu lakk.27 wajjinidha. Akkana yoo ta'ee, kun kan argisiisuu gaa'ila lammati. Inni lamma kan wajjin deemuu lakk.25 wajjini dha, raawwatani kan hin fuudhin. Ramaddii lachanuu lakk.34 irratti lammaffata in ilaalu.

▣ **"Akkana kan godhan irratti jireenya kanaan rakkina qabaata, innis garaa isaanif laata"** kun wali gala gaa'ila kan ilaalatu miti, haa ta'uu malee rakkina yerootti, (lakk.26). lakk.32-34 ti gaa'ila kan ilaalatanidha, akka geggeessuu wali galaatti.

▣ **"Rakkina"** mata duree addaa: rakkina 2 Qoro 1:4 ilaali.

▣ **"Jireenya kanatti"** kun akkuma jirutti "foon" dha. Mata duree addaa: 1:26 irratti ilaali.

**7:29 "yerichii gabaabaa ta'eera"** kun hojii irra kan oole kan xumuramee qabatamaa kan hin ta'inni dha. Baay'een hiiki gaalee kanaa jiru, innis haala qabiyyee barreefamaatiin lakk.26 irratti kan wajjin deemu fakkaata ("rakkina ammaa"). Kaalvinni kan inni amannuu, inni kan argisiisuu ija jabummaa jireenya namaati, kan biraan sarara wal fakkaataadhaan kan jiruu kan isaan amanan, inni kan argisiisuu jaalala Kristoos carraan keenya gabaabaa ta'u isaati. Ani kanaan amanuu, inni kan argisiisuu deeb'ee dhufuu isaati (lakk.31, Roome 13:11-12).

Phaawulos abdii godhaataa kan turee deebi Yesus batalatti ta'uu dha yookaan kan turee? Kara lachuutiin barreefamni jiru. Ani barumsii Waaqayyummaa Phaawulos waan jijjiiramee nati in fakkaatu (yookaan kan bilchaate). Xalayaan isaa inni tokkoon waa'ee turmaata deebi'ee dhufuu barsiisa (2 Tesso 2). Phaawulos (akkuma barreesitoota Kakuu Haaraa kan biroo hundumaa) abdiin deebii gooftaa, jireenya gaariidhaafi tajaajila bareedaa akka jajjabeesutti itti fayyadameera. Deebiin Kristoos kan amantootaa dhaloota tokkoon tokkoof abdii dha, haa ta'u malee garuu qabatamaati kan isa tokkooti! 6:14 irratti mata duree addaa ilaali.

Deebii kan raawwatamuu fi yaada Phaawulos irratti ibsa ajaa'ibsiisaa ta'ee lakk. 26, 28, 29 Hard sying of the Bible (jecha cimaa Macaafa qulqulluu) fuula 583-595 ilaali.

**7:29-30 “Isaan, akka”** isaan kan wal bukkee gaaleen kan ibsan kan baratamee jireenya namoota kan guyyaa guyyaati. Amantootni tajaajilaan hojii irra xiyaafannoodhaan argamuutu irra jiraata, akka kennaa ayyaanaa isaaniti (lakk.32, 35).

Amantootni lammi addunyaa lamaati, kan hafuuraa fi kan foonii yookaan kan waldaa kiristaanaatii fi kan biyya lafaa. Kan fooni hamaa miti garuu kan gadarbudha, amantoonni tajaajila irratti kan xiyaafatan wangeela irratti kan xyaafatan ta’u qabu. Biyya lafaatii fi qabeenya ishee mootummaa Waaqayyo tajaajiluudhaa fi itti fayyadamna. Yoo ta’uu baatee, wanti foonii, wanti biyya lafaa nutti fayyadamuu!

Gaa’illi kan hafuura wantoota dursu gocha irraa gadi dhifamuu akka ta’u in godhinaa! Addunya lamaanitti ogummaa gaariin jiraadhaa.

**7:30 “Akka hin qabne haa ta’an”** itti fufee kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa:Qabeenyaa

I. Ilaalcha wali gala Kakuu Moofaa
   A. Waaqayyo abbaa waan hundumaati
      1. Seera uumamaa 1-2
      2. 1 Seenaa 29:11
      3. Faarfannaa 24:1, 50:12, 89:11
      4. Isaayaas 66:2
   B. Namooti soortuu qabeenyaatti kaayyoo Waaqayyootiif
      1. Seera keessa deebbii 8:11-20
      2. Leewoota 19:9-18
      3. Iyoob 31:16-33
      4. Isaayaas 58:6-10
   C. Qabeenyaan qaama waaqeffannaati
      1. Buusii lamman
         a. Seera lakk.18:21-29, Seera keessa deebi 12:6-7, 14:22-27
         b. Seera keessa deebi 14:28-29, 26:12-15
      2. Macaafa Fakkeenya 3:9
   D. Qabeenyaan kan ilaalamuu akka kennaa Waaqayyo biraa ta’eeti, amanamummaa kakuutiif
      1. Seera keessa deebbii 27-28
      2. Macaafa Fakkeenya 3:10, 8:20-21, 10:22, 15:6
   E. Qabeenyaa irratti of eegachiisa, dadhabbi kan birootiin kan argamee
      1. Fakkeenya 21:6
      2. Ermiyaas 5:26-29
      3. Hose 12:6-8
      4. Miikiyaas 6:9-12
   F. Qabeenyaan mataa isaatti cubbuu miti dursa amma in taaneetti
      1. Faarfannaa 52:7, 62:10, 73:3-9
      2. Macaafaa fakkeenyaa 11:28, 23:4-5, 27:24, 28:20-22
      3. Iyoob 31:24-28
II. Yaada Fakkeenyoota addaa
   A. Yaalii dhuunfaatiin bakka qabeenyaa walitti qabamee
      1. Dhibbaa’ummaan ceepha’ameera-Fakkeenya 6:6-11, 10:4-5, 26, 12:24, 27, 13:4, 15:19, 18:9, 19:15, 24, 20:4, 13, 21:25, 22:13, 24:30-34, 26:13-16
      2. Jabaatanii hjeechuun ol ol qabameera- Fakkeenya 12:11, 14, 13:11,
   B. Hiyummaan faallaa sooromummaa, tolummaa faallaa cubbamummaa argisiisuudhaaf fayyadama irra oolera- Fakkeenya 10:1, 11:27-28, 13:7, 15:16-17, 28:6, 19-20,
   C. Ogummaa (Waaqayyoof sagallee isaa beekuuf beekumsa kanaan jiraachuu) qabeenyaa irra caala- Fakkeenya 3:13-15, 8:9-11, 18-21, 13:18,
   D. Of egannoodhaaf gorsa cimaa

1. Of egaannoowwaan
    a. Hiriyaa kee liqii irratti bu’aa irratti in godhiin (bu’aa) – Fakkeenya 6:1-5, 11:15, 17:18, 20:16, 22:26-27, 27:13
    b. Hojii hamaadhaan qabeenyaa akka in horannee of eegadhuu- Fakkeenya 1:19, 10:2, 15, 11:1, 13:11, 16:11, 20:10, 20:3, 21:6, 22:16, 22, 29:8
    c. Yeroo liqeesituutti of eegadhuu-Fakkeenya 22:7
    d. Qabeenyaa dafee dhumuuf of eegadhuu- Fakkeenya 23:4-5
    e. Qabeenyaan guyyaa murtii in gargaaru- Fakkeenya 11:4,
    f. Qabeenyaa baay’een “hiriyoota” qabuu-Fakkeenya 14:20, 19:4
2. Ifata
    a. Kennaan simboo taati – Fakkeenya 11:24-26, 14:31, 17:5, 19:17, 22:9, 22-23, 23:10-11, 28:27
    b. Tolli qabeenyaa irra caaltii – Fakkeenya 16:8, 28:6, 8, 20-22,
    c. Kadhatti kan barbaachiisuuf, kan irraa hafeef utuu in ta’in – Fakkeenya 30:7-9
    d. Hiyeessaaf kennuun Waaqayyoof kennuu dha –Fakkeenya 14:31

III. Ilaalcha Kakuu Haaraa

A. Yesus

1. Qabeenyaan mataa keenyaa fi qabeenyaa keenyatti akka of jajnuu qoramsa addaa nutti ta’uu danda’a. Waaqayyoodhaaf qabeenyicha caalaa
    a. Maatihos 6:24, 13:22, 19:23,
    b. Maariqoos 10:23-31
    c. Luqaas 12:15-21, 33-34
    d. Mul’ata 3:17-19
2. Waaqayyoo hawwii foon keenyaatiif waan nu barbaachiisuu nuuf kenna.
    a. Maatihos 6:19-34
    b. Luqaas 12:29-32
3. Facaasuun haamuu wajjin adeema (kan foonii jedhees kan hafuuraa)
    a. Maariqos 4:24
    b. Luqaas 6:36-38
    c. Maatihos 6:14, 18:35
4. Qalbi jijjiiranaan qabeenyaa irratti dhiibbaa qaba
    a. Luqaas 19:2-10
    b. Leewota 5:16
5. Saamicha dinaagdee ceepha’eera
    a. Maatihos 23:25
    b. Maariqos 12:38-40
6. Guyyaa raawwitti murtiin fayadama qabeenyaa wajjin adeema –Maatihos 25:31-46

B. Phaawulos

1. Ilaalcha hojii irra oolchuu akkuma fakkeenya (hojii)
    a. Efeson 4:28,
    b. 1 Tessolonqee 4:11-12
    c. 2 Tessolonqee 3:8, 11-12
    d. 1Xiimotihos 5:8
2. Akka Yesus ilaalcha hafuuraa (wantooti dafanii xumuramu, kan isin qabdan isin gaha)
    a. 1 Ximootihos 6:6-10 (kan jirutti boqochuu)
    b. Filliphoos 4:11-12 (kan jirutti boqochuu)
    c. Ibiroota 13:5 (kan jirutti boqochuu)
    d. 1 Ximootihos 6:17-19 (kennaadhaa fi Waaqayyotti amanachuu, qabeenyaatti utuu in ta’in)
    e. I Qorontos 7:30-31 (jijjiiramuu wantoota)

IV. Guduunfaa

A. Qabeenyaa kan ilaalatee tokkoo illee barumsi Waaqayyummaa macaafa qulqulluu in jiru

B. Dhimma mata duree kanaa irratti keeyati taa’ee in jiru, kanaafis qabiyyeen isaa kan walitti qabamuu

keeyata adda addaa irrati. Ilaalcham,mataa ofi isaan barreefamoota adda addaa sana keessa akka dubbistuuf of eegadhu

C. Fakkeenyawwaan, namoota gamnaan kan barreefaman (ogeeyyoolli), kan biroo macaafa qulqulluu shaarbee caalaa ilaalcha adda addaa qabu. Fakkeenyawwan hojii irra kan ooluu fi nama dhuunfaa irratti kan xiyaafatu dha. Innis madaalli isaatti fayyadamuutu irra jiraata, akkasumas kan biroon jechooti dirqamatti maadallii isaa eeguutu irra jiraata (Ermiyaas 18:18).

D. Barri keenya ilaalcha isaatii fi gocha isaa tarreessuu fedha, qabeenyaa kan ilaalatu, ilaalcha macaafa qulqulluutiin. Wantoota dursan walin makamani taa'u, kaabitaliziimii yookaan koominizimii qajeelfama qophaa isaani kan ta'an. Tokko maalif akkamitti fiixaan ba'umsa argata kan jedhuudha gaaffii isaani guddaan. Ammam illee walitti qabee kan jedhu caalaa.

E. Qabeenyaa walitti qabuu madaalaa ta'u qaba, waaqeffannaa dhugaatii fi soortuu itti gaafatamummaan guutee wajjin (II Qorontos 8:9).

**7:31 "bifi biyya lafaa kanaa kan darbuu dha"** raajjoonni Kakuu Moofaa (keessumatti, Isaayaas 56-66) samii haaraadhaa fi dachee haaraa argisiisu. Barri haaraan akka isa moofaa ta'a, garuu kan qulqullaa'ee, kan labsamee (2 Pheexi 3:10-13). Mootummaan Waaqayyoo kan jijjiramee ganata Edeen ta'a –Waaqayyoo, mucaa namaa, fi horii- tokkummaa mudaa in qabne fi seera deebisa, Uumama 1:2, Mul'ata 21-22 wajjin wal cina deema.

Tokkoon tokkoon amantootaa dhalooti seera biyya lafaa kanaa darbuuf shaakalu (jechuun, *schēma*) Kristoosiin gara fakkaachuuti amma guddatan. Kristosiin karaa qulqulqullaa'ee fi baay'ee karaa qulqulla'ee akka ilaaletti, wantooti biyya lafaa kanaa dimimisaa baay'ee dimimisaa deema. Biyya lafaa irra jira, garuu kan biyya lafaa miti. Wantootni biyya lafaa kanaa kayyoo wangeellaatiif goona malee kaayyoo dhuunfaaf miti.

## I Qorontos 7:32-35

**[32]Waan biyya lafaa kanaatti dhimmuu dhiiftaanii akka jiraattan nan barbaada. Namni hin fuudhin gooftaa gammachiisuudhaaf hojii gooftaatiif dhimma; [33]namni fuudhe garuu haadha manaa isaa gammachiisuudhaaf waan biyya lafaatiif dhimma*.[34]Yaadni isaas iddoo lamatti hiramaa dha; dubartiin deebitee hin heerumun yookiis durbi namummaa ishee fi hafuura ishee jireenya qullaa'aadhaaf kennitte, hojii gooftaaf in dhimmiti; isheen heerumte garuu abbaa manaa ishee gammachiisuudhaaf waan biyya lafaatiif dhimmiti*.[35]Kanaaf isiin gargaaruuf nan dubadhe malee, funyoo morma keessanitti diruuf miti; isin wanta qajeelaa, wanta dhaabatas hojjechaa, yaadni keessan waan biraatti utuu hin harkifamin hojii gooftaatiif akka of kennitan nan barbaada.**

**7:32-34** kun kan ibsuu lamaan wal fuudhan wali wali isaani oolma wajjin jiraatanii dha. Akka "foon tokkoo" (Efeson 5:24-31). Kun hamaa miti, innis Krstoosii fi waldaa kiristaanaa gidduu walitti dhufeenya jiru ibsuudhaaf fayyadama irra oola. Namooti in fuune tajaajilaa fi yeroo fooya'ee fi humna akka qabaatan ifaa dha.

Yaadi Phaawulos qabiyyee barreefama kanaa hundumaa wanta biraadhaan utuu in qabamin amanaa damaqaa ta'uun dandeetii dha, Phaawulos marimnao jechi jedhuu yeroo afur itti fayyadameera, lakkofsoota lama keessatti. Jechi kun argisiisuu kan danda'uu yaada sirrii ta'e (Maatihos 10:19, Luqaas 12:25) yookaan yaada giddugaleessaa dha (2 Qoro 11:28, 1 Pheexiros 5:7) qabiyyee barreefama kanaan ini kan argisiisuu kan baranis dhimma jireenya gaa'ilaatti, inni tokkoo faayidaa gooftaatiif oolchuu kan danda'uu yeroo fi humna kan barbaaduu dha. Innis immoo wajjin deemuu kan danda'uu waaqa tolfamaa kan waaqeessan hawaasa keessatti amanaa ta'uun kan inni fiduu dhiibbaa addaatti (lakk.26).

Phaawulos amantootaa (1) Kristoosin damaqoo akka ta'aaniifi (2) Nagaa fi gammachuun akka jiraatan barbaada. Lachanuu gati qaba, garuu rakkisaa dha.

**7:34 "dubartii in heerumiini fi durba"** Phaawulos kan heeru wantoota adda addaa lamaa kan in heerumin dubartootaa kiristaanaati

1. Tokkoon isa guddaa, tokkon dargageetti
2. Kan jalqabaa duraan dursee heerumteetti (jechuun, haadha manaa abbaa manaa du'ee) lammaan raawwatee in heerumne
3. Lamman kan inni argisisuu dandeessuu dubartoota of qaban ramaddii addaa tajaajiltoota (lakk.36-38)

▣ **"Fooniinis hafuuraanis qulqulluu akka taatuuti"** kun yaada gadi aanaa miti, qunamtii saalaa namootaa hamaa dha kan jedhu. Akkas egaa barsiisi Phaawulos kan hiikamu, aadaan Girikii dhiibbaa kan qabu (jechuun, sitiiyiksi, Ginostikis kan kana fakkaataan…..). tuqaa akn isaa kan ta'uu gooftaa irratti kan xiyaafatan namoota dhuunfaa yeroo isaani fillatamaa, humna isaani fi qabeenyaa isaani wanta hafuuraa irratti oolchuu danda'u, haa ta'uu malee kan heeruman dhimma maatiiti fi itti gaafatamummaa irratti xiyaafachuun isaani in oolu. Mata duree adda qulqulluu 3:17 irratti ilaali.

## Mata duree addaa: Foonii fi hafuura

Foonii fi haafuurri muca namaa irratti akkaataa lama waan adda addaatti faallaa kan qinda'aan miti, haa ta'uu malee lamanuu wajjin walitti dhufeenya lakkuu qabaataa, biyya lafaa kana irrattis ta'ee Waaqayyoo wajjin. Jechi Ibirootaa nephesh (jechuun, lubbuu) fayyadama irra kan oole lamaanuutiif, ijoollee namaatii fi bineensootaa fi uumama irratti, "hafuura" (ruah) mucaa namaatiif fayadama irratti kan oole bifa adda ta'een.mirkaneessuu barreefama kanaa miti, mucaan namaa uumamni isaa akka qaama lamaa ta'uun isaa (dichotomii 1 Qoro 7:34, Ibiroota 4:12) yookaan qaama sadii (kan sadan tokkoo) argamuu (1 Tessoo 5:23). Mucaan namaa duraan dursee macaafaa qulqulluudhaan kan bakka bu'ee akka tokkootti (Seera Uumamaa 2:7, 2 Qoro 7:1). Kan fooya'ee kan mucaa namaa akka, sadan tokkotti trichotomous yookaan tokkummaa kan ibsuu Millard J.Erickfon's barumsa Waaqayummaa kiristaanaa (maxansa lama) fuulaa 538-557 fi Frank Stadg's Eolaripies of Man's Existence in Bible Perspestive (argami namaa faallaa macaafa qulqulluu ilaalcha) ilaali.

**7:35 "Isin hidhuudhaaf jedhee miti"** jechi kun fayadama irra kan oolee kiyyoo bineensootaaf.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Waan sirri ta'ee isinitaan beeksisa, jireenya in bujunjuree gooftaan akka jiraatan"** |
| **NKJV** | **"Garuu waan sirrii ta'ee, utuu in bujunjurin akka gooftaa tajaajiltaaniif"** |
| **NRSV** | **"Haa ta'uu malee seera gaarii isinitaan beeksiisa, jireenya in gufannee gooftaaf akka jiraatan"** |
| **TEV** | **"Bukkeedhaan immoo, sirriidhaa fi qajeelaa kan ta'ee akka gootanin barbaada, bujunjuruu tokko malee mataa keessan raawwatanii gooftaaf akka laatan"** |
| **NJB** | **"Haa ta'uu malee wanti hundumtu ta'uu akka qabutti, isinis yaada keessan utuu in qoqodamiin gooftaaf akka laataniif"** |

Gaaleen Girikii baay'ee gabaabduu dha. Furtuun jechootaa lamaanuu

1. *euschēma*, wal makaa dha "gaarii" fi "boca". Innis sirri kan ta'ee , isa gammachiisaa, fi waan ta'uu kan argisiisuu dha (12:23-24, 14:40, Roomee 13:13). *Kalos* wajjin hiikaan wal fakkaataa 1, 8, 26, irratti.
2. *aperispastōs*, ALPHA PRIVATIVE (barbaacha isa duraa) achi jechuun jecha jecha jedhuun wal qabatee xiyaafannoo kan barbaaduu dha.

Phaawulos amantootni hundumtuu dhimma mootummaa Waaqayyooti, tajaajila irratti akka xiyaafatan barbaada! Anidhugumatti kanaan mo'ameera. Qabiyyee barreefama kanaa irratti kan koo "rakkina" gaa'ila kan iddoo dhabsiisuu fakkaachuu isaati, bifa tajaajila wal qixee ta'een, warra of qabani wajjin. Waaqayyo gaa'ila hundeesseera, innis seera isaati. Ani nama cimaadhaa fi tajaajilaa dha, gaa'ila koo irraa kan ka'e. Boqonnaan kunni walin dha'amee fayadama irra oola, warra seeraatii fi warrra of qabaniif. Galmi isaa xiyaafataa tajaajilaati malee seera miti, fuudhuus ta'ee utuu in fuudhiin turuudhaaf. Phaawulos geggeessaa hafuura qulqulluu kan qabuu kayyoo dhaabbataa qaba, haa ta'uu malee isaan kun gara geggeefama wali galaatti jijjiiramuu in danda'an, kan biroon liqimfama barreefamatti gara faalleesaniti.

## I Qorontos 7:36-38

**[36] Namni tokko fuudha ga'ee, kaadhima isaa fuudhuu dhiisuun isaa akka waan ishee irratti dabaa hojjetee yoo itti fakkaate garuu, fuudhuun isaas hin oolu erga ta'ee, akkuma dur jaallateetti wal haa fuudhan; akkas gochuu isaatiin cubbuu hin hojjetu. [37]Namni tokko immoo fuudhaaf wanti isa giddisiisu hin jiru yoo ta'e, fedha foon isaatiis mo'achuu yoo danda'e, yaaduma garaa isaatiin in dhaabata; inni kun yaada garaa isaa muree kaadhima isaa durbummaatti yoo dhiise ba'eessa gochuu isaa ti. [38]Egaa namni ishee kaadhimate fuudhu ba'eessa godha; inni ishee kaadhimate fuudhuu dhiisee akkasumatti hafus caalaatti ba'eessa godha.**

**7:36 “Akka”** kunni ramaddii tokkoo hima haalaati, innis yaada barreessaa yookaan haala barreefamichaatiin sirri akka ta’eetti yaadama.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Namni tokkuyyuu…..mucaa isaa durba taateef”** |
| **NKJV** | **“Namni tokkoyyuu…….waa’ee durbummaatiif”** |
| **NRSV** | **“Kadhima isaatiif”** |
| **TEV** | **“Warra wal kadhimatan lamaan kan ilaalate, namichii fuudhuu dhiisuuf yoo murteesse…dubartii dargageetti sana kan ilaalate”** |
| **NJB** | **“Eenyu iyyuu miira cimaa yoo qabaate…kadhima isaa kan ilaalate”** |

Karaa hiika gurguddaa saditu jiru, keeyata kana kan ilaalate

1. Kun kan ilaalatu abbaa kiristaanaa fi intala isaa in heerumnee dha (NASB fi JB)
2. Kun kan argisiisuu nama kiristaanaa fi kadhima isaati (NRSV, TEV, NJB)
3. Kun kan argisiisuu gosa gaa’ila hafuuraa innis gara “kan of qabuu, hiriyummaa” kan jijjiiramuu ta’u danda’a (BEB)

Jechichi akkuma jirutti “durba” dha.

Fillannoon lakk.1 “kan kennu” gaaleen jedhuu in fayyada (lakk.38) abbaan intala isaa dubaraa gaa’ilaa fi kennuu akka argisiisuuti. Fillannoon lakk.2, lakk.36 irratti kan jiru “yeroon dargagummaa ishee darbuuf yoo ta’a” gaalee jedhuu fudhata. Fillannoon kun waan wayyuu fakkaata, ragaa jiran bukkeen, barreefama raajii yoo ta’ee seenaraas. Fillannoon lakk.3 seenaa haalawwaan adda ta’ee argisiisa. Tokko tokkoo jaarraa 1 lallabdooti adeeman tarii guyyoota kiristaanaa akka gargartuu tajaajilaati in fudhatu turan, isaanis isaani wajjin in jiraatu turan, haa ta’u malee of qabuudhaan cimuu turan, mataa isaani mallattoo of bituu akka ta’uuf.

▣ **“Akka”** kun ramaddii sada hima haalaati, innis gocha cimaa kan ta’e.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Dargagummaan ishee yoo darbee”** |
| **NKJV** | **“Laguun dargagummaa ishee yoo irra darbee”** |
| **NRSV** | **“Miiri isaa cimaa yoo ta’ee”** |
| **TEV** | **“Miirii isaa baay’ee cimaa yoo ta’ee”** |
| **NJB** | **“Akkasumas wantooti adeemsa sirri ta’e akka qabataniif”** |

Kun argisiisuu kan danda’uu (1)Yeroo sirri gaa’ila itti qabatan (NASB, NKJV, fi NJB) yookaan (2)Boci isaa tarii korma ta’u danda’a, dhalaa utuu in ta’in, innis tarii kan inni xiyaafatu, nama miiraan qabamee dha (NRSV, TEV).

“Dargagummaan kan irra darbee” (huperakmos) mata duree addaa: kan Phaawulos huper wal makaa 2:1 irratti ilaali.

▣ **“Akka fedhee haa godhuu”** kun akkuma jirutti “tokko akka barbaadeeti ta’uu kan qabu” . Gaaleen kun argisiisuu kan danda’uu nama yookiis dubarti dha. Maqoota maqa dhaala, qabiyyee barrefama hundumaan raawwatee qabatamaa kan in taanee dha, kanaafis keessa isaa hiikuun ulfaata dha.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Haa herumtuu”** |
| **NKJV,NRSV** | **“Wal haa fuudhaan”** |
| **TEV** | **“Wal fuudhuutu irra jiraata”** |
| **NJB** | **“Wal fuudhuu qabu”** |

Kun xiyaafataa gocha xumuramee ramaddii sada kan baay’eeti, akkuma jirutti “wal haa fuudha” kan jedhuu dha. Kunnis kan argisiisuu (1)namaaf kadhiima isaa yookaan (2) “Of qabuu irra kan jiran hiriyoota” dha.

**7:37 “Cimee haa dhaabatu”** mata duree addaa: dhaabbachuu 15:1 irratti ilaali.

**7:38 “Kan in fuune garuu kan caalu godhe”** kun yaada gaa’ila gadi buusuu miti, garuu gocha gorsaati

1. Qorontosiin kan ture rakkina yeroo
2. waa’ee lama deebi’ee dhuufati isaa

3. Kan baratamee miira dhala namootaa, kiristanoonni kan ittiin wal fuudhan

**I Qorontos 7:39-40**

**[39]Haati manaa, hamma abbaan manaa ishee jiruttu seera gaa'elaatiin isatti hidhamtee jiraatti. Erga abbaan manaa ishee du'ee garuu, abbaa feetetti heerumuu in dandeessi, garuu nama amanetti haa heerumtu*. [40]Haa ta'uu iyyuu malee, yoo heerumuu dhiifte akka yaada kootti caalaa gammachuu in argatti; anis immoo hafuura Waaqayyo qaba jedheen yaaa.**

**7:39 "Haati manaa abbaan manaa ishee jireenyatti amma jirutti hidhamteeti"** kun PERFECT PASSIVE INDICATIVE dha (lakk.27). lakk. 39 kan argisiisuu hiriyaan gaa'ilaa erga du'ee booda gaa'iilli laman gadhee akka hin taanedha (1 Xiimo 5:14) innis immoo kan argisiisuu Phaawulos akkamitti seera wali gala cimaadhaafi of eegannaa gochuuf <u>yaaluu dhiisuu</u> isaati.

▣ **"Gooftaan haa ta'u malee hiikoti wal harkisan lama jiru"** (1)Kiristaanii dirqamatti kiristaana fuuchuu qaba (2 Qoro 6:14) yookaan (2)lama yoo herumtee akka kiristaanaatti deddeebi'u qabdi. 2 Qoro 6:14 yeroo baay'ee fayadama irra in oolu fillannoon lakk.1 ragaa akka ta'u dha, haa ta'u malee dhimmi qabiyyee bareefama kun keesumatti kan argiisiisuu miti ta'us, akka wali galaati ta'uu danda'a.

**7:40 "Yaada kootii…anis immoo hafuurri Waaqayyoo waan na keessa jiru natty fakkaata"** Phaawulos cimsa isaa irra deddeebi'aa kan ta'ee fi kan isaa liqimfamuu xin-waaqummaa lamata kaa'a (lakk12, 25).

## Gaaffillee mare

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Dhugaa boqonnaa torbaa bara kanatti akkamiti hojii irra oolchinaa?
2. Boqonnaan torba ammam kan aadaatii? Ammamtuu kan wali galaati?
3. Kan of qaban Phaawulosii fi ejjennoo ol ka'aa kan hafuuraatii gaa'ila caalaa? Yoo ta'ees maaliif?
4. Macaafni qulqulluun hiikuu in hiyamuu? Yoo ta'ees, macaafni qulqulluun gaa'ila lamma in hiyamuu? (Lakk.28, 39)
5. "Rakkinni ammaa" maalii dhaa, Phaawulos lakk. 26 irratti kan here?
6. "Durbi" jechi jedhu lakk. 25 fi 36 irratti bifa addaatiini fayyadama irra kan oolee?

# I Qorontos 8

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Nyaata waaqa tolfamaadhaa qophaa'e | Yaada sammuu keessaniitiif dammaqoo ta'aa | Qalma waaqa tolfamaadhaa qodhaa'e kiristaanni yoo nyaatewoo | Gaaffii nyaata waaqa tolfamaadha dhiyaate | Waaqa sobduudhaa nyaata qophaa'e (8:1-11:1) |
| | | | | Qajeelfama walii galaa |
| | | | 8:1 | |
| 8:1-6 | 8:1-13 | 8:1-3 | 8:2-3 | 8:1-6 |
| | | | 8:4-6 | Gaaffii beekumsaa |
| | | 8:4-6 | | |
| | | | 8:7-8 | 8:7-13 |
| 8:7-13 | | 8:7-13 | 8:9-13 | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Qabiyyee barreefama 8:1-13

A. Qabiyyee barreefamaa 8:1-11ti adeema, ol kan jiruu tarreemani yaada ijoo NJB akka argisiisuutti.

B. Waaqa tolfamaaf kan aarfamuu waa'ee foon nyaachuu gaaffiin ka'ee waa'ee warra ammayyaatiif keessumaa dha. Haa ta'uu malee bara Phaawulositti qabiyyee barreefamaatii fi namoota Qorontosi fi dhimma baay'ee fayyadu ture. Baay'een walitti qabama gamtaa kan amantaa hiika qabu, yeroo Phaawulositti. Akkasumas immoo gabaa Qorontositti foonii in gurgurama ture baayi'naan, guutumaatti yoo ta'uu bates inni tokkoo mana qulqullumaa ormootaa ture.

C. Haala xin-waaqummaa tiin boqonnaan sadeetti roomee 14:1-15:13 ti wajjin wal bukee dha. Mata duree addaa qabiyyee barreefamaa (Roome 14:1:-15:13, 1 Qoron 6:12 ilaali, innis ana irraa Roomee 14:1-15:13 ibsa irraa kan fudhatan yaadannoo. Isaan lamaan kun kan dubbatan kan rakkisaa ta'ee fi wal keessa galee dhimma mata dureeti, innis kiristaanni akkamitti kiristoosiin kan qabu/kan qabduu birmadummaa fi kan biraa waa'ee jallachuu kan qabu/ kan qabduu itti gaafatamummaa madaalli kan eeguu dha.

Gordon Fee to what and Exegesis? (raawwiin hiika isaatti maal ta'aa?) fuula 105-128 akka jedhutti, qabiyyeen barreeffama kanaa kan argisiisuu nyaata waaqa tolfamaaf aarfamee waa'ee nyaachuu qofa miti, haa ta'uu malee, dhugumatti mana qulqullummaa waaqa tolfamaati argamuu fi nyaachuu irratti hirmaanaa gochuu dha malee (kun yeroo hundumaa qunamtii saala kan ofkessatti qabatuu dha, 10:6-22).

D. Akkasumas boqonnaan kun cimsa kan laatuu, beekumsa, mul'ata beekumsaa illee yoo ta'e, kan biraa jaallachuu wajjin wal madaalaa yoo in taane, dhugaa murtaa'aa ta'a, (13:1-13).

E. James D. G. Dunn, unity and diverseity in the New Testament (,tokkummaadhaa fi baay'inaa Kakuu Haaraatti) fuulaa 319, ibsa guduunfaa gaarii kan qabu natti fakkaata.

"Innis kiristaana Yihudootaa fi yaada dhiphoo kan degeruu miti, billisumaan kiristanaa kan seeraa gochuun (Galaatiyaa 5:1, Filli 3:2), haa ta'uu malee, yoo ta'uu baatees kiristanaa ormootaas in deggeru, isaan billisummaa kiristaanaa gara hiyama waraqataa fi hayyuutti gara jijjiiruu (Room 16:17, 1 Qoro 5-6, 8-10, 2 Tessol 3:6, 14)".

Phaawulosiif "wangeelli hundumaaf" kan jedhuu qajelfamni geggeefamaa! Kunnis gara boodaatti ibsameera, jecha mataa isaan 1 Qoro 9:19-23!

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

### I Qorontos 8:1-3

**[1]Waa'ee qalma waaqayyolii tolfamaniif dhi'eeffamanii gaafattanii turtan. Isin keessaa jarri tokko, "Hundumti keenya beekumsa qabna" akka jedhan in beekna; beekumsi akkasii nama bokoksa, jaalalli garuu tokkummaa in ijaara*. [2]Namni caalaa beeka of se'u amma illee akka beekuun isaaf ta'utti hin beeku*; [3]namni Waaqayyoon jaallatu garuu, isa biratti beekamaa in ta'a***

**8:1 "waaqa tofmaadhaaf waa'ee foon aarfamee"** kunnis gaaffii biraa dha (7:1, 25, 8:1, 12:1, 16:1, 12) innis waldaa kiristaanaa Qorontositti xalaayaa Phaawuloosiif ergamee irratti kan gaafatamee, kunnis Isxifannoosiin, Fardinaaxoos, fi Akayiqoos karaa isaa kan dhufee dha (16:17).

▣

**NASB "Wantootaa waaqa tolfamaadhaaf aarsaman"**
**NKJV "Wantoota waaqa tolfamadhaaf aarsaman"**
**NRSV, "Nyaataa waaqa tolfamaaf aarsamee"**
**TEV "Nyaata waaqa tolfamaaf aarsamee"**
**NJB "waaqollii sobduudhaaf nyaata aarsame"**

Kun jecha wal makaa dha *eidōlon*,hiiki isaas boca, bifa, fakkeenya, yookaan ejjennoo kan ta'ee, fi *thuō*, innis hiikii isaa aarfamuu yookaan aarsaa dhi'eessuu kan ta'e. jechi kun matan isaa fayyadama irra kan oolee foon waaqa tolfamaaf dhi'aate dhorkuudhaaf, walga'ii Yerusaalem irraa gara waldaa kiristaanaa ormootaati xalayaan ergamee, Hoji Ergamootaa 15:29 (Hoji erg. 21:25) irra kan jiru.

▣ "Hundumtii keenya beekumsa akka qabnu in beekna" kana jechuun kan ta'u
1. Waldaa kiristaanaa Qorontos irraa ergaan Phaawulosif ergamee kan heeree
2. Dhaadannoo garee fincilaa isa tokkoo
3. Lallaba Phaawulosiin dursamee kan heeramee, innis waldaa kiristaanaa Qorontos baay'isaani kan gargaaraman.

▣ **"Beekumsii in hafuufaa, jaalallii in qulleessa"** Phaawulos waldaa Qorontos irraa qabiyyee ibsa ergameef irratti wali galeera, haa ta'uu malee yaadi rime isaa dangeessee fi hiika dhugaa fi akkaataa hojii irra oolchuu argisiiseera (kunnis waa'ee barsiisoota sobduu dhaadannoo innis boqonnaa 6-7 waan jedheef sirri ture).

Beekumsi isa tokkoo bifa aadaa Girikii ture, innis tokko tokkoo waldaa kiristaanaa Qorontositti kan ittin of jajan. Rakkina beekumsa nbira jiru, namoota tokko morkatoo akka ta'aaniif of jajoo akka ta'aanii fi akka of jajan gochuu isaati (4:6, 18, 19, 5:2, 8:1, 13:4, 2 Qoro 12:20). 4:6 irratti yaadannoo jiruu hundumaa ilaali. Inni kan xiyaafatuu sadarkaa nama dhuunfaan malee maatiidhaan, qaamaan, waldaa kiristaanaa irratti miti.

"qulqulleessuu" jechi jedhuu, dubbii haalaa ijaaruuti. Phaawulos yeroo hundumaa "ijaaruu" yookaan "dhaabuu" dubbata, innis waldaa kiristaanaatti yookaan kiristaanoota dhuunfaa (Room 14:19, 15:2, 1 Qoro 8:1, 10:23, 14:3, 5, 12, 26, 2 Qoro 10:8, 12:19, 13:10, Efeson 4:12, 29, 1 Tessool 5:11).

Kiristaanaan birmadummaa keenya irratti jaalalli murteessa dha. Beekumsi rakkina of jajuu xiqeessuu in danda'uu, mataa ofi kan dangeessuu jaalala qofa kana gochuu kan danda'u. Amantootni itti hidhamuu kan qaban waldaa kiristaanaa kan qulqulleessu irratti malee kiristaana dhuunfaa abbaa kennaa kabajjuudhaan miti.

## Mata duree addaa: Ijaaruu

*Oikodomeō* jechi jedhuu kan isaa boca biraa yeroo hundumaa Phaawulosiin fayyadama irra oola. Innis akka jirutti "mana ijaaruu" jechuu dha (Maati 7:24), garuu inni dubbi haalaatiin fayyadama irra yeroo oolu

1. Qaama Kristoosiif, waldaa kiristaanaatiif, 1 Qoro 3:9, Efeson 2:21, 4:16
2. Ijaaruuf
   a. Obboleessa keenya dadhabaa, Room 15:1
   b. Ollaawwaan Room 15:2
   c. Wali wali, Efeson 4:29, 1 Tessoo 5:11
   d. Qulqullootaa, tajaajilaa fi Efeson 4:11
3. Kan ijaaruu yookaan kan dhaabnu
   a. Jaalala 1 Qoro 8:1, Efeson 4:16
   b. Birmadummaa dhuunfaa daangeessuudhaaf 1 Qoro 10:23-24
   c. Wal falmii dhabamsiisuuf 1 Ximoo 1:4
   d. Yeroo tajaajila waaqeffannaa warra dubbatan murteessuudhaan (faarfatoota, barsiisoota, afaan hin beekamneen kan dubbatan, fi afaan nhin beekamne kan hiikan), 1 Qoro 14:3-4, 12
4. Wanti hundumtuu kan ijaaruu ta'u qaba
   a. Taayitaa Phaawulos 2 Qoro 18, 12:19, 13:10
   b. Ibsa guduunfaa Roome 14:19 fi 1 Qoro 14:26

**8:2 "Akka"** kun ramaddii tokkoo hima haalaa yeroo ta'uu, innis yaada barreesichaa yookaan kaayyoo barreefamichaatiin sirri dha jedhamee tilmaamama (lakk. 3, 5).

▣ **"Eenyuyyuu waan tokkoo waan beekuu yoo isaatti fakkaatee",** kun gocha xumuramee kan argisiisuu yemmu ta'u, innis kan in murtaa'iin kan xumuramee hordofeera. Kunnis kan inni callaqisisuu waldaan kiristaanaa Qorontos hundee kan gadi fageefatee of jaja (3:18).

▣

**NASB "Akka beekuun nuuf ta'utti amma iyyuu in beeknee"**
**NKJV "Akka beekuun ta'uufitti waan tokkoo iyyuu in beekne"**
**NRSV "Beekumsa barbaachisa ta'ee amma iyyuu hin qabu"**
**TEV "Akka beekuun irra jirutti dhugummatti in beekani"**
**NJB "Akkasumas dhugumatti beekuun hama irra jiru amma iyyuu in beekne"**

Phaawulosi hirina beekumsa hafuuraa isaanii mul'iseera. Beekumsa biyya lafaa (jechuun, faalasama namaa) wal qoqoduu fi of jajuu fida, haa ta'uu malee Waaqayyo nu beekuun isaa (13:12, Galaa 4:9)fi nuyis wangeella beekuun keenya birmadduu nuu baasaa, isaa fi saba isaa akka tajaajiluuf.

**8:3 "Eenyuu iyyuu Waaqayyoon yoo jaallate garuu"** kun hima haalaa sadarkaa tokkootti. Qorontositti Waaqayyon kan jaallatan turaniiru cimsi Phaawulos jaalala irratti akka ture hubadhu (jechuun, gocha ammaa kan argisiisu), beekumsa irratti utuu in ta'in (13:1-13).

▣ **"Inni isa biratti kan beekamee dha"** kunnis tarii fakkeenya dhaadannoo kan biraati, isaanis baay'ee kan ifeefi kan hafuuraa akka ta'anitti mataa isaani kan lakkaa'an. Innis (dhugaan wangeellaa 19:33 irratti kan argamuu kan boodaa kan Ginoostikii gaalee wajjin baay'ee wal fakkaataa dha. Dhugaan kan isaaniif ifee namoota giduutti wal qoqoduun akka hin jiree in beeku.

1. Yesus-ormoota
2. Garboota-birmadduu
3. Dhirootaa- dubartootaa
4. Jabaa-dadhabaa giddutti akka hinjire.

Gufuun hundumtuu Kristoosiin "kufeera"!

Waaqayyoon beekuun keenya faayidaa qaba, haa ta'uu malee waa'ee Waaqayyoo beekuun , walitti dhufeenyaa dhuunfaatiif, ka'umsi isaa Waaqayyoo irraa kan ta'e, innis wali wali keenya jaalalla qabnu, akkasumas jaalalla isaaf qabnu ibsa kan ta'eef, raawwatee bakka bu'uu kan danda'uu in jiru (Galaa 4:6, Ximoo 2:19, 1Yohannis 4:19).

## I Qorontos 8:4-6

**4Egaa waa'ee qalma waaqayyolii tolfamaniif dhi'eeffame nyaachuu immoo, Waaqayyo tolfamaan dhuguma jireenya akka hin qabne akkasumas Waaqayyo tokkicha malee kan biraa akka hin jirre nuyi in beekna*. 5Waaqayyolii kan jedhaman waaqa keessa lafa irras jiru; waaqayyoliin, gooftoliin akkasiis baay'ee dha*. 6Nuuf garuu Waaqayyo tokkichatu jira; innis abbaa, isa waan hundumaa uume, isa nuyi maqaa isaatiif jiraannus. Akkasumas gooftaa tokkichatu jira; innis Yesus Kristos, isa wanti hundumtuu ittiin uumame, isa nuyi ittiin jiraannus*.**

**8:4 "waaqi tolfamaan biyya lafaa hundumtuu akkasumaan akka ta'ee in beekna"** hiika lakkoofsoota kanaa irratti taphi jechaa in jiraata. Yaadi rimeen kan Ibiroota "beekuu" akka walitti dhufeenyaa dhuunfaa giddutti (lakk.3, Uumama 4:1, Ermi 1:5) fi hiika Girikii "beekuu" gidduttii, akka waan tokkooti yookaan nama tokko irratti dhugaa jiruuf (lakk.1, 2, 4).

Waaqolliin Kakuu Moofaa "duwwaa" yookaan "gatii kan in qabne" turan. Isaan raawwatani waaqoollii in ture (2 Seena 13:9, Isaaya 37:19, 41:29, Ermi 2:11, Hoji.erg 14:15, Galaa 4:8). Booda irrtti, Phaawulos 1 Qoro seexannooni waaqennaa ormaa namootaa fi waaqa tolfamaa kan waaqessaan akka itti fayyadaman in cimse (10:20), haa ta'uu malee waaqa tolfamaaf dhugaan hin jiru!

▣ **"Waaqa tokkoo irraa kan hafee waaqi in jiru"** kunni tokkichummaa Waaqayyoo ibsa (monotheism) (1 Xiimo 2:5-6). Akka ibsa Macaafa qulqulluutti yoo ta'ee Waaqa dhugaa tokko qofatu jira (lakk.6, Seera keessa deebii 4:35, 39, Faarfannaa 86:8, 10). Kakuu Moofaan yeroo hundumaa waa'ee kan biraa "elohim" in dubbatu (jechuun, argamuu kan hafuuraa), haa ta'uu malee kan wal in fakkaanne (jechuun, ramaddii tokkoo kan ta'ee, seera ba'ee 20:2-3, Keessa deebii 32:39) argamuu (Ba'uu 15:11, Faarfannaa 86:8, 89:6). Kadhati Yihudootaa shema kan jedhamuu Keessa deebii 6:4 kadhata Yihudootaati, innis guyyumma guyyaa fi bakka tajaajila waaqeffannaa kan heeruu fi kan Yaahiwwee tokkummaa addummaa isaa kan cimsuu dha (Maari 12:28-29).

## Mata duree addaa: MONOTHEISM (Waaqayyo tokkicha)

"Monotheism" kan jedhu yaad-rimeen (tokkoo fi tokkoo qophaa isaa kan ta'ee Waaqayyo) innis"waaqa tolfamaa ol jedhee" kan in taanee, kan baayinaa yookaan kan Iraan (Zoroastrianism) waaqa tolfamaa gaarii kan in taanee kunnis Israa'eliif adda kan ta'ee, (Abrahaam, 2000 Dhaloota Kristoof dura waggaa kuma lamaa). Tokko qofa adda kan ta'ee Gibxiin akka turee in ibsama, baayi'naanis kan in baratamne (Amenhotep 4, Akhenaten jedhamuun beekama, 1367-1350 yookaan 1386-1361 Dhaloota Kristoos dura.

Yaada rimeen kun Kakuu Haaraatti gaalee baay'een ibsameera

1. "Kan akka Yaahiwwee *Elohim* keenya kan jiruu in jiru" Seera Ba'uu 8:10, 9:14, Keessa deebii 33:26, 1 Moototа 8:23,
2. "Isa alaa in jiru" Keessa deebii 4:35, 39, 32:39, 1 Saamu 2:2, 2 Saami 22:32, Isaayaas 45:21, 44:6, 8, 45:6, 21
3. "Yaahiwween tokkoo" seera keessa deebii 6:4, Room 3:30, 1 Qoro 8:4, 6, 1 Ximoo 2:5, Yaaqoob 2:19
4. "Kan akka kee in jiruu" 2 Saami 7:22, Ermi 10:6
5. "Ati kophaakee Waaqayyo dha" Faarfannaa 86:10, Isaayaas 37:16
6. "Ana dura waaqi in turee, ana duraas in jiru" Isaayaas 43:10
7. "Kan biraan in jiruu, ana malee…..kan biraan tokkoo iyyuu in jiru" Isaaya 45:5, 6, 22,
8. "Kan biraa tokko iyyuu in jiru, Waaqani biraan in jiru" Isaya 45:14, 18
9. "Ana malee kan biraan in jiru"Isaaya 45:21,
10. "Kan biraa in jiruu… kan akka koo mtokko iyyuu in jiru"Isaaya 46:9

Kun murteessaa kan ta'ee hundee amantii karaa fooya'een mul'ata isaa dirqamatti fudhachuu qabna. Ibsa durii hubachuu kan qabnu akka "henotheism"yookaan kan raawwatamuu "henotheism" dha (waaqolliin kan biraan jiru, haa ta'uu malee nuuf waaqa tokkicha Seera Ba'uu 15:11, 20:2-5, Keessa deebii 3:28, 5:7, 6:4, 14, 10:17, 32:12, 1 Moototа 8:23, Ps. 83:18, 86:8, 136:1-2).

Qeenxumaa (tokkummaa) ibsuudhaan kan jalqaban barreefami duraa ( tokkummaa kan falaasama) kan duriiti (Ba'uu 8:10, 9:14, Keessa deebii 4:35, 36, 33:26). Guutuudhaafi gaaffiin xumuramee Isaayaas 43-46 (43:11, 44:6, 8, 45:7, 14, 18, 22, 46:5, 9) irrati argama.

Kakuu Haaraan Seera keessa deebii 6:4, Room 3:30, 1 Qoro 8:4, 6, Efesoon 4:6, 1 Xiimoo 2:5 fi Yaaqoob 2:19 Yesus akka ajaja dura godhee heereera Maatii 22:36-37, Maari 12:29-30, Luuq 10:27. Kakuu Moofaanis ta'ee Kakuu Haaraan, cimsa kan laatuu kan biroon argamuun kan hafuuraa jiraachuu yeroo ta'u (ginni, ergamaa), haa ta'uu malee tokkoo qophaa isaa uumuun/kan oolchuu Waaqni (Yaahiwwee, Uumama 1:1) ta'u isaati.

Tokkichummaan kan Macaafa qulqulluu amala kan godhu

1. Waaqayyoo tokkoo fi kan adda ta'ee dha
2. Waaqayyo kan qaamaati (Uumama 1:26-27, 3:8)
3. Waaqayyo kan namuusaati (Itikaal) dha (Ba'uu 34:6, Naahimiyaa 9:17, Faarfannaa 103:8-10)
4. Waaqayyo namoota bifa mataa isaatti uume (Uumama 1:26-27) tokkummaadhaaf (jechuun lakk.2). Inni Waaqa hinaa dha (Ba'uu 20:2-3)

Kakuu Haaraa irraa (Kakuu Haaraa)

1. Waaqayyoo sadii kan bara baraa, ibsa qaama qabu (mata duree addaa:Waaqa sadan tokkoo 8:11 ilaali)
2. Waaqayyo mudaa kan in qabneefi mootummaa isaatiin Yesus keessatti mul'ateera (Yohannis 1:1-14, Qola 1:15-19, Ibiroota 1:2-3)
3. Nama kufee fi oolchuun kaayyoo bara baraa Waaqayyooti kan mucaa isaa tokkoo kennaa aarsaati (Isaaya 53, Maar 10:45, 2 Qoro 5:21, Filliph 2:6-11, Ibiroota)

8:5 Phaawulos jiraachuu argamuu hafuura cimsa (jechuun, hamaa f gaarii ergamaa fi ginnii) hima haalaa sadarkaa tokkoo fayyadamuudhaan. Kun barratamee hubannaa Kakuu Moofaaa. 8:4 irratti kan jiru yaadannoo ilaali.

"Waaqayyoolli" jechi jedhu Kakuu Haaraati Heloohimidha. Kunnis abbaa lakkoofsaa baay'ee maqaa kan argisiisuu

1. Waaqa Israa'el (gochama qeenxee fayyadamuun seera Umamaa 1:1 mata duree addaa 2:8 ilaali)
2. Waaqa ormoota (Uumamaa 35:2, Ba'uu 12:12, Leewota 19:4, Seera keessa deebi 6:14)
3. Argamuu ergamootaa (1 Saamu 28:13, Faarfannaa 82:1, 6, 1 Qoro 10:19-21)

**8:6 "Nuuf garuu Waaqa tokkicha jira"** kun waaqayyo tokkichi (monotheism) ibsa xin-waaqummaa ti. Lakk.4 irratti yaadannoo jiru ilaali.

Seenaan amantaa waa'ee Waaqummaa rammaddii baay'ee kan qabuu amantaan jira.

1. Animiziim, argamuun hafuuraa kan wantootaa adeemsa uumamaa wajjin walitti dhufeenya akka in qabne
2. Kan bay'inaa Waaqoollii baay'een jiraachuu isaani
3. Henootayiziimi, waaqoollii baay'een, haa ta'uu malee nuuf Waaqa tokkicha qofa (jechuun, gosa, ummata, bakka teessuma lafaa)
4. Tokkummaa, argamuu Waaqa tokkichaa qofa (Paantooli kan jedhamuu guddaa Waaqa utuu in ta'in)

Kun barreefamni kan cimsuu baay'ee kan hafuuraa argamuun jiraachuu isaati (lakk.5) haa ta'uu malee tokko qofi Waaqi dhugaan (lakk.4, mata duree addaa tokkummaa 8:4 irratti ilaali). Aadaa kiristaanaa Yihudootaa kan qaban Waaqa uuma tokkicha/Waaqa tokkoo jira, innis qaama sadan barabaraatiin kan jiraatu. Mata duree addaa 2:10 ilaali.

▣ **"Abbaa"** kun aja'ibsiisaa kan ta'ee dhi'eenya Waaqummaa, kan dhuunfaa, waamicha maatiti. Innis cimsa kan laatu Waaqayyoo hundumaa bira ta'uu isaati. Kana kan fakkaatuu bifi Waaqummaa beekamuu kan danda'uu ibsa mataa isaa qofan, faalasima namaa yookaan argannoo osoo in ta'in

Amma illee kun kan maatii waamicha sakata'aa Kakuu Moofaa jedhamee yoo heerames (keessa deebii 32:5-6, Isaay 63:16, 64:8, Ermi 31:9, 20, Hosee 11:3:4, Milki 1:6, 2:10), isaan dhi'aana, ajaa'iba, fakkeenya dubbii haala guutuu guutuutti kan mul'isee Yesus, ilma, "Abbaan keenya" Maati 6:9.23:9, Efeson 4:6, Abbaa, Maari 14:36). Mata duree addaa 1:3 ilaali).

▣ **"Wanti hundumtuu isa biraa kan ta'ee"** uumuun Waaqayyoo kan cimsuu dha (11:12, Room 11:36, 2 Qoro 5:18, Qola 1:16, Ibiroota 2:10). Mata duree addaa angafa 15:20 irratti ilaali.

▣ **"Nus kan isaa kan taanee"** Waaqayyoo biyya lafaa kan inni uumee ijoollee namaatiif iddoo ol ka'aa akka ta'uuf, isa wajjin kan jiru tokkummaa. Al tokkoo ijoolleen namaa bu'aan hameenya (Uumama 3) karaa Kristoos mo'icha erga aragtee boodee deebi'uun erga nuu ta'ee boodaa, kaayyoo keenya isa sirrii in beekna. Al tokkicha bifa Waaqayyo ijoollee namaatiif karaa Kristoos erga deebi'e isa boodaas dhi'eenya, kan dhuunfaa kan ta'ee tokkummaan Edeen deebi'eera.

▣ **"Gooftaan tokkoo, Yesus Kristoos"** "Gooftaa" waamichi jedhuu kan inni callaqisiisuu hiika Kakuu Moofaa kan ta'ee Yaahiwwee dha, innis gochama Hibirootaati "ta'u" dha (Ba'uu 3:14, mata duree addaa 2:8). Yihudoonni maqaa qulqulluu kana dubbachuu in sodaatu turan akkasumaan akka in waamne, kanaafis jechii Hibirootaa Adoon yookiis gooftaa bakka buusaani waamu.

Yesusiin gooftaa jedhani waamuun (jechuu, kan Gorokii *kurios* dha kan Hibiroota *Adon*). Karaa Waaqummaa isaa cimsuu fi Yaahiwwee wajjin tokkoo mta'uu isaa (Filli 2:11). Kan tokkummaa isaa (1) yaad rimeen isaa immoo faayidaa qaba (Efe 4:5, 1 Ximoo 2:5).

Ammam illee Phaawulos *theos* (jechuun, Waaqayyoo) qabiyyee barreefama kanaan yoo fayyadamuu baatees inni Yesusiif Hoji er. 20:28, Room 9:5, Titoo 2:13, fi *heotētus* Qolaa 2:9 fayyadameera. Sammuu Phaawulositti Yesus waa'een Waaqummaa ta'uu isaa shakkii tokko in qabu. Phaawulos cimsa kan ta'ee tokkoo dha. Argamuun bara baraa kan ta'ee Waaqa tokkoo ibsa qaama sadii akkamirtti akka inni argamuu adda baasee in keenye, haa ta'uu malee inni kan baratamee gudunfaa dha. Mata duree addaa: Waaqa sadan tokkoo 2:10 irratti ilaali.

▣ **"Wantooti hundumtuu isaan kan ta'an , nuyis kan isaan taanee"** Yesus uumama irratti bakka bu'aa Abbaa ture (Yohaannis 1:3, Qolaa 1:16, Ibir 1:2). Kunnis ogummaa kan namaa kan ta'ee ga'ee qaba ture Fakkeenya 8:22-31, ogummaan Ibirootaan dubartii dha (Fakkeenya 8:1-21) sababi isaa "ogummaa" maqaan jedhuu (BDB 315) maqaan nsaala dubartii waan ta'eefi dha. Keeyata kanaan falmii argina, tokkummaa irratti mirkneeffannaa qabnuu fi Kakuu Haaraan waa'ee sadaan Waaqa tokkoo mul'ata giddutti. Mata duree addaa 2:10 irratti ilaali.

## I Qorontos 8:7-13

**[7]Haa ta'uu iyyuu malee, hundumatu beekumsa kana qaba miti; garuu kaan hamma ammaatti itti turanii waa'ee waaqayyolii tolfamanii kana itti baraniiru. Kanaaf yeroo foon qalmaa sana nyaatan akkuma waan Waaqayyo tolfamaadhaaf dhi'eeffameetti in nyaatu; yaadni garaa isaanii dadhabaa waan ta'eefis kanaan in xurreeffamu*. [8]Nyaanni gara Waaqayyotti nu hin dhi'eessu; yoo nyaachuu dhiifne wanti nutty badu; yoo nyaannes wanti nutty tolu hin jiru*. [9]Garuu kana fo'achuu danda'uun keessan kun karaa tokkoon warra amantiitti dadhaboo ta'anitti gufuu akka hin taane, of eeggadhaa*! [10]Tarii namni tokko, utuu ati inni beekumsa kana qabdu galma waaqayyolii tolfamaa keessatti maadditti dhi'aattee jirtuu, si arga ta'a; kun qalma Waaqayyo tolfamaadhaaf dhi'aatu nyaachuutti yaada garaa isaa isa dadhabaa hin kakaasuu ree? [11]Akkasitti, namichi dadhabaan kun, obboleessumti kee inni Kristos du'eef beekumsa ati qabduun in balleeffama*. [12]Karaa kanaan obboloota keessan yakkitanii, yaada garaa isaani isa dadhabaa madeessuu keesaniin Kristosin in yakkitu. [13]Kanaafis nyaata akkasitti dhi'aachuun sababii obboleessa koo kuffisu yoo ta'e, ani obboleessa koo akkan hin kuffifnetti matumaa deebi'ee foon hin nyaadhu*.**

**8:7 "Ta'us beekumsi kun namoota hundumaa bira in jiru"** akka qabiyyee barreefamichaati kun kan argisiisuu "dadhabaa" fi "jabaa" kiristanaa (Roomee 14:1, 2, 14, 22-23, 15:1). "Dadhabaa" qabiyyee barreefama kanaan kan inni argisiisuu duraan jireenya in jijjiramnee isa tokkoo kan ture waaqeffannaa waaqa ormaa yookaan kan seeraati. Kunnis lakk.1 irratti kan jiru cogoo fi waldaa kiristaanaa Qorontositti kan turan gareen of tuultoota tokko tokkoo fi ogummaadhaa fi beekumsa kennaa kan turan cimsa gala galanii kan ilaalutti (lakk.11).

▣ **"Kan isaani sammuun isaani dadhabaa waan ta'eef in xuraa'a"** amantotni ifa qabnun amantiin deddeebi'uutu nura jiraata (Room 14:23), beekumsi kun dogogora in qabu yookaan haala kan hafuuraatiin ijoollee ta'ee illee utuu jiru. Amantoonni itti gaafatamummaa kan qaban kan <u>hubatan</u> qofan.

Phaawulos jecha kana "yaada sammuu" erga Qorontositti yeroo hundumaa gargaarama (4:4, 8:7, 10, 12, 10:25, 27, 28, 29, 2 Qoro 1:12, 4:2, 5:11). Innis kan argisiisuu safuu miira keessati, isa kamtuu sirri akka ta'ee fi isa kamtuu sirri akka in taane (Hoj.erg. 23:1). Yaadi sammuu keenyaa jireenya keenya isa darbe fillannoo keenya

dadhabaadhaan yookaan dhiibbaa hafuura qulqulluutiin boqochuu danda'a. innis mudaa kan in qabne geggeessaa miti, garuu kan namoota dhuunfaa daangaa amantii murteessa kanaafis, yaadi keenya jeeqamuu, ammam illee dogogoroo of dadhaboo yoo taane illee inni guddaan kakuu amantiiti.

Sammuun amanaa sagallee Waaqayyooti fi hafuura Waaqayyotiin baay'ee baay'ee qaramutuu barbaachiisa (1 Xiimo 3:9). Waaqayyo amantootni ifa isaan qabaniin kan inni seeratu (jechuun,jabaa yookaan dadhabaa), haa ta'uu malee hundumti keenya hafuura qulqulluu fi Macaafa qulqulluu fi banamoo ta'uutu nurraa eegama. Ifa baay'eedhaa fi beekumsa gooftaa keenya Yesus Kristoosiin guddachuuf "yaada sammuu" kan jedhuu yaadannoo guutuu 10:20 irra jiru ilaali. Mata duree addaa:dadhabbii 2 Qoro 12:9 ilaali".

▣ **"In xuraawaa"** Jechi kun dursa kan inni argisiisuu wayyaa qulqulluu in taanee dha (Zakka 3:3-4, Yihudaa 23, Mul'ata 3:4). Innis dubbii haalaatiin fayyadama irra kan oole xuraa'ummaa safuutti (Mul'ata 14:4).

Aja'ibsiisaa kan ta'uu jechi amantoota dadhaboo isaanis amantaa mataa isaani daangaa kan cabsan haala akka ta'an ibsuudhaaf fayyadama irra oolu isaati. Waaqayyoo haala kamiin keessatti laphee ilaala. Karaa hubannoo amantii keenya dadhabaas ta'ee sirri kan in taanees yoo ta'ee, cimaa kan ta'ee caba amantiitii!

**8:8 "Nyaatii garuu gara Waaqayyotti nuyi in dhi'eessuu"** kun kan argisiisuu xin-waaqummaa dogogoraati, fi nuyis laman isaa jechuun, of qabuu kan cimsan, yookaan seera Yihudootaa, irra darbees birmadummaa hamaa kan jabeessan. Nyaachuus ta'ee nyaachuu dhiisuun Waaqayyoon biratti fudhatama nu in argamsiisuu (Room 14:14, 23, Maariqos 7:18-23). Jaalalli Waaqayyo mataa ofii gannuun jaalala ibsa, obboloota biraaf obbolootota kara Kristoos tokkummaa kiristaanaa keessatti nagaa jiruu fi bilchinni furtu dha.

▣ **"Dhi'eessuu"** mata duree addaa: kan irraa hafee 2 Qoro 2:7 ilaali.

▣ **"Akka…..akka"** lama, rimmiddii sada gaalee haala qabu lakk. 8 irratti , isaanis gocha cimaa kan argisiisan.

**8:9**
**NASB,**
**NRSV** **"Haa ta'uu malee birmadummaan keessan kun warra dadhabooti gufuu akka hin taane of eegadhaa"**
**NKJV** **"Haa ta'uu malee of eegaadhaa, kun birmadummaan keessan warra dadhaboof gufuu akka in taane"**
**TEV** **"Haa ta'uu malee gochi birmadummaa keessani amantii keessanitti dadhaboo kan ta'an gara cubbutti akka isaan in ganne of eegadhaa"**
**NJB** **"Ta'us garuu kun birmadummaa keessan kan in jabaatiin akka in gufachiifne of eegaadhaa"**

kun gocha xiyaafataa ammatti. Birmadummaan kan kiristaanaa (jechuun, *exousia*,, 9:5, 5, 6, 12, 18) to'annaa jaalala jala ta'u qaba, yookaan inni hiyama waraqataa ta'a (10:23-33, 13:1-13, Room 14:1-15:13). Nuyi eegduu obboleessa keenyaati!

Kun birmadummaa kiristaanaa fi dirqama mata duree yaada Roome 14:1-15:13 immoo irratti ibsameera. Roome boqonnaa 14 fi 15 irratti kanan tesisee ibsa qabiyyee barreefamaa 1 Qoro 6:122 irratti ilaali.

**8:10 "Akka"** kunnis kan biraadhaaf haala ramaddii sadati, innis gocha cimaa dha. Lakk 10 seer-lugaa "eeyyeen" kan jedhu deebii eega.

▣
**NASB,**
**NKJV** **"Ati beekumsa kan qabdu irbaataa waaqa tolfamaa irra yeroo teessuu tokko yoo si argee"**
**NRSV** **"Ati beekumsa kan qabduu mana waaqa tolfamaati yeroo nyaattu kanbiroon yoo si argan"**
**TEV** **"Ati beekumsa qaba kan jedhamtuu, dhimma kana irratti sammuun isaa dadhabaa kan ta'ee namni mana waaqa tolfamaati utuutti nyaattu argeera yoo jenne"**
**NJB** **"Ati beekumsa kan qabduu mana waaqa tolfamaa sobduu tessee arganiiru yoo jenne"**

Gaaleen kun NASB fi NKJV irratti qabatamaa kan in ta'iniin kan inni hiikame. Kan jecha haala wal qixaa fi hiika cimaa ta'an TEV fi NJB yaada isaa qabateera.

Phaawulos kan inni argisiisuu gara lakk. 1-4tti deebi'ee heera. Amantootni jabooni Waaqa tokkicha ta'uu isaa duwwaa amanu (lakk.4). Amantootni dadhaboon dhiibba darbeen amma iyyuu qabamani jiru. Amantootni jaboon gara duubaati guguufu, Kristoositi obboloota isaani dadhaboo ta'anii fi obboleetoota isaani gufachiisuu dhiisuuf, yookaan gadi of qabuu warri barbaadan (lakk.1).

Jabinni hafuuraa dhugaan beekumsa qofa miti, haa ta'uu malee amantoota biraa gocha jaalalaa ta'ee agarsiisuus, warra dadhaboofis illee, warra waaqa ormaa waaqesaniif illee, warra seerafi illee, kan of qabna

jedhafi illee, warra hin bilchaatiniif! Beekumsi dhugaan soortuu gadi of qabaa tokkoo isaan godha, karaa Kristoosiin Waaqayyoo irraa akkasumatti ayyaanna argateen.

▣ “Mana waaqa tolfamaati irbaataati ta’uun” 10:14-22 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣

**NASB** **“Jajabeessuu”**
**NKJV** **“Nyaachuudhaaf kakkaasuu”**
**NRSV** **“Nyaachuudhaaf jajabaachuu”**
**TEV** **“Kunnis akka nyaatuuf isa in jajabeesineere”**
**NJB** **“Nyaachuuf jajabaachuu danda’a”**

“Ijaaruu” yookaan “dhaabuu” jechi jedhuu lakk.1 irratti akka jiruti dha. Asitti fayyadama irra kan oole tokko illee

1. Bifa cogoon kunnis waa’ee gocha karaa obboleessa jabaatiin kan ta’ee dhiibbaa digamsaa
2. Ergaa Qorontos irraa kan heeramee amantii isaaniti dadhaboo kan ta’n akkamiti gargaaruun akka danda’amuu wajjin kan wal qabate.

**8:11**
**NASB** **“karaa beekumsa keetiin dadhabaan kun in badaa innis obboleessa Kristoos du’eef”**
**NKJV** **“Akkasumas sababa beekumsa keetiin obbileessi dadhabaan in bada, innis Kristoos kan du’ef”**
**NRSV** **“Kanaafis sababa beekumsa keetiin isaan amantootni dadhaboon, Kristoos kan isaanif du’e in badu”**
**TEV** **“ Kanaafis namni dadhabaan kun obboleessi kee innis Kristoos kan du’eef, sababa beekumsa keetiif in bada”**
**NJB** **“Kanaafis sababi beekumsa keetiin obboleessi kee kun innis Kristos kan du’eef, bal’aaf akka saaxilamee ta’e du’a”**

Himi Girikii duraa boodii isaa “siin” kan jedhuuf cimsa laata (jechuun, kunnis kan qabatan beekumsa caaluu jedhamee waamama). Bilissumaan kiristaanaa tokkoo kiristaanaa biraa yeroo balleessuu, bilissumaan sun badiisa jechuu dha (Roomee 14:15, 20). Kun yaada cogoo dha, lakk. 10 irratti akka jirutti. Waldan kiristaanaa Qorontos beekumsa isaanitiin of jajuu turan (8:1). Asitti Phaawulos beekumsi inni argisiisuu badiisa akka ta’uu dha. Phaawulos yeroo hundumaa “kan jaabatee” obboleessa cimseetu of eegachiisa “dadhabaadhaaf” obboleessa obsaaf akka itti dhaga’aamuuf, Kristos lamaanuuf sababa jaalala qabuuf.

“diigamuu” “badiisaa” “haqamuu” jechoota jedhuu hiikuun kan irra jiruu Roomee 14:22-23 karaa ibsaatiin, hiiki isaas “kan biraan cubbuu akka hojeetuuf sababa ta’u” dha, kunnis jechichi asi irratti fayyadama irra kan oole Masihii dhaan. Kun badiisa isa dhummaa miti kan yerooti malee, ta’u iyyuu kan hamaatee dha, guddina hafuuraa irraa gara boodaati hanbise.

## MATA DUREE ADDAA: BALLEESSAA (APOOLLUM)

Jechi kun hiikaa baldhaa qaba. Yaadirmeewwan amantaatiinis wal qabatee murtee fi balleessaa yeroo dheeraa fideera. Innis hiikkaa, 'barbadeessu', 'awwaalu' jedhu kan qabuu fi jecha damee “*apo* fi *ollumi*, jedhamuun moggaafame.

Rakkinni jecha kanaan wal qabate dhufu yoo akka ibsa fakkiitti gargaaru. Kunis akka gaaritti Hiikaa jechoota Kakuu Haaraa Louw and Nida’s *Greek-English Lexicon of the New Testament, Based On Semantic Domains*, jildii . 2 fuula 30 irratti akka ibsameeti. Hiikaa jecha kanaas akka baay'eetti tarreessa:

1. Balleessuu (Fkn. Mat. 10;28; Luq. 5:37; Yoh. 10:10; 17:12; HoE 5:37; Rom. 9:22 vol. 1 fuula 232 irraa)
2. Argachuu dhabuu (Fkn. Mat. 10:42, vol. 1P 566)
3. dhabu (fkn Luq. 15:8; vol. 1 p566)
4. Iddoo beekuu dhabuu (fkn. Luq. 15:4, vol. 1 p330)
5. Du'a (fkn. Maat. 10:37, vol. p266)

Gerhard Kittel, *Theological Dictionary of the New Testament* jildii 1, fuula 394, itti fayyadama jecha kanaa hiikaa afur tarreessuudhaan ibseera.

1. balleessuu ykn ajjeesuu (fkn Maat. 2:13; 27:20; Mar. 3:6; 9:22; Luqaas 6:9; 1Qor. 1:19).
2. dhabuu ykn dhabuurraa kan ka'e (fkn. Mar. 9:41; Luq. 15:4,8)
3. cabu badu (fkn. Mat. 26:52; maar. 4:38; Luq. 11:51; 13:3,5,33; 15:17; Yoh. 6:12,27; 1Qor 10:9-10)

4. dhabamu (fkn Maat. 5:29-30; mar. 2:22; Luq. 15:4, ,21,32; 21:18; HoE 27:34).

Keetil akka jedhutti, #2 fi #4 jechoota jecha kanaan walitti dhufenya qabu kan jala muree yoo ta'u, #1 fi #3 kan ibsan jechoota biyya itti aanu ibsuudha akka Phaawuloosii fi Yohaannis (p394).

As irratti hubachuu dhabuun ni jira. Jechichi hiikkaa baldhaa kan qabuu fi barreessitoonni baay'een haala gara garaatiin itti fayydamaniiru.

Hiikaan jechoota Kakuu Moofaa Roobert b. Girdlestoon fuula 275-277 bayeessa fakkaata, akka barreessaa kanaatti. As irratti jechicha namoota badanii fi Waaqayyoon bara baraaf gar-gar ba'aniif dhala namaa Kiristoos beekanii fi jireenya bara baraa isana argataniif kan fayyaduudha. Isaan dura ibsaman warra fayyan yoo ta'an kan lammata irratti ibsaman immoo warra badaniidha.

Ani akka kootti, jechi kun balleessaa kanibsu miti. (cf. E.fudga, The fire that consumer). Jechi bara baraaf jedhu kan gargaaru adabbii bara baraa fi fayyiinsa lubbuu bara baraatiif akka Maat. 25:46. tokko tuffachuun, lamaanuu dubbachuudha.

**8:12 “Obbooloota irratti cubbuu hojjechuun….Kiristos irratti cubbuu hojjetu”** kun ibsa cimaa dha. Jaalala Waaqayyoof qabnu kan ibsu jaalala wali wali keenyaaf qabnuu dha. Kakuu Haaraatti yeroo baay’ee, gochi namootaa amantoota irratti yeroo godhamuu kan argamuu Kristoos irratti akka waan hojjeetaniti kan fudhatamu (9:4, 5) akkasumas amantootaafis wanti godhamuu Kristosiif akka godhamutti kan ilaalamu (Maati 25:40, 45).

**8:13 “Akka”** kun ramaddii tokkoof hima haalaati. Dhimma nyaataa amantoota tokko tokkoo tilmaama amantaa dhuunfaa isaani akka jeequ sababa isaaniif ta’a.

▣ **“Gufachiisuu”** kun jechi Girikii fayyadama irra kan oole horii gaadi’uu dha. Innis akkuma jirutti kan argisiisuu “sibila kiyyoo wawaranuu” dha.

▣ **“Lamafata bara baraan foon in nyaadhuu”** lakk.kun baay’ee cimaa kan qindeefama sadan alta’aa qaba (Roomee 14:21). Kristosiin bilissummaa jiruu ijaaruutu irra jira diiguuf utuu in ta’in. kan adda in bane cimsa kan ta’u, Phaawulos waaqa tolfamaadhaaf kan dhi’aatee foon yookaan mana waaqa tolfamaatti akka in nyaannee dha. Kana jechuun garuu Phaawulos kuduraa nyaata jechuu miti.

## Gaaffillee maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Rakkina addaa kan yeroo tokkoo qofa akka in taane ifaa dha, ta’ees asitti kan jiru geggeefama wali galaa baay’ee hiika kan qabuu dha. Geggeefama kana jecha mataa keetiin ibsi.
2. Gochi seexanaa tokko bara keenyatti amantii addunyaa wajjin akkamitti adeemaa?
3. Waaqii tokko qofi erga jiraate Yesus akkamiti waaqummaa ta’a?
4. Birmadummaa kiristaanaatii fi dirqama kiristaanaa giddu firooma jiru ibsi.
5. “Dadhabaa” fi “jabaa” amantoota ibsi.
6. Amantootni hundumtuu kuduraa kan nyaataan ta’u qabuu?

# I Qorontos 9

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| **UBS4** | **NKJV** | **NRSV** | **TEV** | **NJB** |
|---|---|---|---|---|
| | | | | Qalma waaqalii tolfamaaf qalame (8:1-11:1) |
| Mirga Ergamaa | Waa'ee of ganuu | Mirga Phaawloos akka ergamaatti | Mirga ergamaa fi hojiilee | Phawloos fakkeenya ofii isaa gaafata |
| | | 9:1-2 | | 9:1-14 |
| 9:1-2 | 9:1-18 | 9:3-7 | 9:1-2 | |
| | | 9:8-12 a | 9:3-7 | |
| | | 9:12 b -14 | 9:8-12υ | |
| 9:12 b-18 | | Phawloos mirga ergamummaa isaa dhiisuu bilsa ture | 9:12ʌ-14 | |
| | Namoota hundumaa fayyisuu | | | 9:15-18 |
| | | 9:15-18 | | |
| | | | 9:15-18 | 9:19-23 |
| 9:19-23 | 9:19-23 | 9:19-23 | | |
| | Gonfoof falmii | | 9:19-22 | |
| | 9:24-27 | | 9:23-27 | 9:24-27 |
| 9:24-27 | | 9:24-27 | | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Qabiyyee barreeffama 9:1-27

A. Boqonnaan kun kan wajjin deemuu boqonnaa sadeeti wajjin mirgi kiristaanaa gidduu fi dirqama jaalalaan maadala godhanii haala eeguu fi barbaaduu (Roome 14:1-15:13 fi 1 Qoro 8:1-11 fi 13:1-13)

B. Qabiyyee barreefama saati irraa ifa kan ta'e, geggeessu Phaawulos garee murta'aaniin yookiin gareen waldaa kiristaanaa Qorontos keessatti midhamuu isaati.
   1. Afaan gaariidhaan kan leenji'ani kan naanna'an barsiisooti Yihudotaa
   2. Kan jalqabaa Ginoostikii

C. Maq- dhaalaa adda addaa namummaa (fi boca gochamaa) boqonnaa kana keessatti fayyadanma irra oolera
   1. Ramaddiin tokkoon qeenxee, lakk.1-3, 6, 8, 15-23, 26-27
   2. Ramaddii tokkoo kan baay'ee lakk.4-5, 10-11, 25

a. Lakk. 6 irratti Baranaabaas bifa addaatiin waan heerameef, inni tarii lakk.4-5 kan jiru akka ta'uu tilmaama
b. Lakk.10-11 irratti Phaawulos itti dabaluu kan barbaarduu Aphilosii fi kan biraan kan hafeeraman lallabdoota, Pheexiroonis yoo ta'e
c. Phaawulos yeroo baay'ee kan qopheesitootaa lakk. baayee "nuyi" fayyafadama, waa'ee mataa isaa yeroo dubbatu

3. Ramaddii sada kan lakk. baayee kan lakk.13, 24 kan argisiisuu warran Qorontosiin "guutuu" wantootaa Waaqayyoo eegumsa akka qaban kan ibsu
4. Kan Phaawulos maqa-dhaal fayyadamuun baay'ee rakkisaa dha, akkasumas baay'een barreefamoota Girikii adda addummaa mada isaati

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

**I Qorontos 9:1-2**

**1Ani birmaduu mitii ree? Ani ergamaa mitii ree? Ani gooftaa keenya Yesusin hin arginee ree? Isin bu'aa hojii ani gooftaadhaaf hojjedhee miti ree*? 2Ergamaa ta'uun koo warra kaan biratti hin fudhatamne yoo ta'e iyyuu, isin biratti hin fudhatamne yoo ta'ee iyyuu, isin biratti fudhatamaa dha; isin kan gooftaa ta'uun**

**9:1"Ani birmaduu miti"**qabiyyee barreefama kanaatiin gaaffii duraa booda ta'antu jira. USB[4] kudha afur qaba, NASB (NASB) 16 qaba , NKJV (NKJV) kudha shan qaba, NRSV (NRSV) 16 qaba, TEV (TEV) 14 qaba, fi NJB (NJB) 12 qaba. Isaan yaadonni kun gaaffii ammaa kan mirkanaa'ee miti (Ellingworth and Hatton, A Handbook on Paul's first leter to the Corinthians, (kan Ellingworth and Hatton, *A Handbook on Paul's First Letter to the Corinthians* fuula 193). Lakk. 1-2 hundumtuu "eeyyee" kan jedhuu deebii barbaadu. Lakk.6, 7, 10 fi 11 irratti gaaffiin jiran kan taa'an "miti" deebii jedhu dha.

Kun "bilisa" kan jedhu fayyadama Kristoosiin kan jiru bilisummaa kan hafuuraati (9:19, 10:29) malee bilisummaan Roomaa miti (jechuun, mirga siyaasaa). Amanaan Kristoosiin, amma iddoo bultii hafuuraati, amma Kristosiin hubateera "kan jiru ta'uu" birmadummaa qaba! "eenyummaa kufe" "ani nan dursa" kan jedhu Seera uumamaa 3 bilisummaa "kan biraan haa dursan" kan jedhuun bakka bu'eera! Bilisummaan wangeellaan jiru, "bilisummaa" miti garuu "bilisumaan jiru" dha! Innis bilisummaa siyaasaa irraa baay'ee adda, kunnis isa gaariidhaa fi isa hamaa ija mukaa dhugumatti kan ta'e! eenyummaa kefeen "bilisummaa" sirrimatti qabachuu in danda'u! Amantoota in bilchaanne yoo ta'anis!

▣ **"Gooftaa keenya Yesusiin in argineehii"** kun gocha xumuramee kan argisiisuu dha, innis kan argisiisuu gocha darbee kan ammaa ejjennoo argamuu bu'a argamsiisuu isaati. Ergamummaan Phaawulos dhiibbaan kan irra ga'ee kan warra gurguddoota kudha lamaan keessa tokkoo waan in ta'iinif. Maadalliin ergamummaa kan turee Yesus jireenya isaa biyya lafaa irra yeroo tureetti kan wajjin turee fi du'aa ka'uu isaa kan argee dha (Hoji.erg. 15-26). Phaawulos kan cimsuu Yesus isa du'aa ka'ee arguu isaati (Hoji. Erg 9:3, 17, 27, 22:14, 1 Qoro 15:8). Waamichi Phaawulos Kristoosiin gocha addaati, ormootaaf ergama addaa, innis mul'ata addaa kan gaafatu (Hoji Erg. 18:9, 23:11).

Phaawulos dhuunfaa isaatti kara Daamasqoo qofatti Yesusiin in argine, haa ta'uu malee yeroo baay'ee tajaajila isaa keessatti, Yesus yookaan ergamaa akka bakka bu'aa Yesusiti, argamee jajjabeessuudhaaf (Hoji.erg. 18:9-11, 22:17-21), Hoji erg. 27:23).

▣ **"isinis gooftaadhaan hojii koo mitiihii"** Phaawulosii fi ragaan ergamummaa isaa kan irratti hundeesse waldoota kiristaanaa baay'ee dha Qorontos isa tokko (4:15, 2 Qoro 3:1-3).

**9:2 "Akka"** kun sadarkaa tokkoo hima haalaati innis kan argisiisuu taayitaa Phaawulos waldaa kiristaanaa ishee dur turtee garee baay'ee fudhatama argachuu dhabuu isaati (hojii ergamoota 15 fi Galaatiyaa).

▣ **"Mallattoon ergamummaa koo gooftaadhaan isin"** mallattoon addunyaa duriitti sibila aqee irratti mallattoon qubeela itti dabalamee xalayaa irratti yookaan isa ittiin qabatan irratti itti rukkutama. Kunnis keessi isaa akka in banamne wabii ta'a, innis eenyu iyyuu keessa isaa akka in banne argisiisa, kanaafis inni eegumsa keessa isaatti argisiisa, kunnis immoo nama ta'u irraa ergamuu isaati. Kan kana faakkatan chaabaan kiristaanaa fi kan mirkaneefachuu dubbi haalaa ta'eera (Yohannis 3:33, Room 4:11).

## MATA DUREE ADDAA: MALLATTOO

Mallattoon tarii kara adur durii

1. Dhugaa (cf. Yoh. 3:33)
2. Abbummaa (cf. Yoh. 6:27; 2Xim. 2:19; Mul. 7:2-3)
3. Wabii ykn eegumsa (cf. Uma. 4:15; Mat. 27:66; Rom. 15:28, 2Qor. 1:22; Efe. 1:13; 4:30 ittiin argisiisan ta'uu ni mala,
4. Inni dabalataanis mallattoo dhugaa ta'uu abdii/kakuu kennaa Waaqayyoos ta'uu ni mala (cf. Rom. 4:11 fi 1Qor. 9:2)

Kaayyoon maallattoo kanaa dheekkamsi Waaqayyoo akka isaan hin arganneef saba Waaqayyoo addaan baasuufi. Mallattoon seexanaa saba isaa kanneen dheekkamsa Waaqayyootiif qophaa'an addaan ni baasa. Mul'ata keessatti "gidiraan" (i.e thipsis) yeruma hundumaa ari'achuu warri hin amanne warra amanan ari'ataniidha, yommuu dheekkamsi/loluun (i.e. *Orgē* ykn *thumos*) yeruma hunda warri hin amanne akka tarii qalbii diddiirratanii amantii Kiristoositti akka deebi'aniif firdii Waaqayyooti. Kaayyoon pozatiiviin firdii kun kakuu abaarsotaa/eebboota keessa Deebii 27-28 keessatti mul'achuu ni danda'a. Gaaleen "Waaqayyo jiraataan" aangoo YHWH irratti tapha jechaa ti (cf. Ba'u 3:14; Far. 42:2; 84:2; Mat. 16:16). Jechi walfakkaataan kun "akkuma Gooftaan jiraatu" kakuu Macaafa Quqlulluu keessatti yeruma hunda ni argama.

## I Qorontos 9:3-7

**[3]Warra ana irratti dubbataniif deebii, waan ana irratti dubbataniifis falmata qaba*. [4]Waan nyaannu waan dhugnus argachuun nuuf hin ta'uu ree*? [5]Akka ergamoota warra kaanii, akka obboolota gooftaa, akka Keefaas nuyi immoo niitii amante fuunee iddoo hundumaatti wajjin adeemuun nuuf hin ta'uu ree*? [6]Yookiis anumaa fi Barnaabaas duwwaatu soora keenyaaf addaan hojjechuun barbaachisee ree*? [7]Namniloltuu ta'ee qacarame, horii ofii isaatiin lola dhaqee beekaa ree? Namni wayni dhaabe, ija waynichaa hin nyaatuu ree? Namni horii tiksu, aannan horii sanaa hin dhuguu ree?**

**9:3 "Deebii koo"** jechi kun (jechuun, *apologia*) fayyadama irra kan oolee "ittisa seera qabeessaa fi (deebii)" dha (Hoj.erg. 19:33, 22:1, 25:16, Filli 1:7, 17, 1 Pheexi 3:15). Haala galumsaatiin lakk.3 laak. Lama yookaan lakk. 4 wajjin adeemu danda'a. USB[4], NRSV, fi TEV lakk. 4 wajjin akka deemu yeroo argisiisuu, NKJV, fi NJB keeyaticha hin kukutan, tuqaa kam irratti iyyuu.

▣ **"Kan na sakata'aaniif"** Phaawulos garee murtaa'aniin yookaan garee xin-waaqummaa n Qorontositti sakkata'ameera (2:15, 4:3). Isaan kan jedhan

1. Inni ergamaa dhugaa akka hin taanee
2. Innii ergaa ergamaa Yerusaleem akka jijiiree
3. Inni horiidhaaf qofa akka lallabu

Komiin kun adda ba'aani in teeny, haa ta'uu malee seenaa yoomii fi eessaa fi Phaawulosiin kaasuudhaaf kan isaan fillatan dhimma mata duree wal harkisaa kan godhanii dha.

**9:4** kuni walitti fufee gaaffii jalqaba (lakk.4-7) kuniis mirga ergamummaa Phaawulos waldaa kiristaanaa hosiiftuu tti degersa akka in arganne in cimsa. Ta'us inni dhuunfaa isaatti mirga isaa fayyadamuudhaan in fillanne (9:15, 18, 1 Tesoo 2:6), haa ta'uu malee kan biraan mirga hojjeetoota kiristaanaa cimsa.

**9:5 "Fudhannee deemuu….akka ergamoota warra kaani"** qabiyyeen isaa kallatiidhaan in cimsu, haadha manaa fuudhuun mirga ergamootaa ta'uu isaa ammam illee kun dhugumatti yoo ta'ee iyyuu, haa ta'uu malee mirgi ergamoota isaanii fi haadha manootti isaanii waldaan kiristaanaa akka degertuu dha "ergamaa" jechi jedhuu argisiisuu kan danda'uu kudhalamaanuu yookaan bal'aa kan ta'ee fayyadama jecha isaati (Hoji ergamootaa 14:4, 14, Room 16:6-7, 1 Qoro 4:9, Galaa 1:9, Efe 4:11, Filli 2:25, 1 Tesoo 2:6). Pheexiroos adda baafamee waan mogaafameef, garee boodaa irratti ibsa qabaata. Akkasumas immoo kan biraan jechuun kan danda'amuu gareen tokkoo waldaa kiristaanaa kanatti ergamummaan Pheexiroos Qor1:12 (ol qabaniiruu) (1:12, 3:22)

▣

**NASB, NKJV,**
**NRSV, NIV** **"haadha manaa amantuu taatee"**
**TEV, NJB,**
**NEB** **"Hadhaa manaa Kiristaana"**

Girikitti maqaan diribiin lama jiru, "obbolootti, haadha manaa" innis dubbii haalaatiin "haadha manaa amantuu taatee" jechuu dha. Seenaa rakkisaan kan ta'uu kun akkamittti wajjin deema dha.

1. Yesusitti kan michooman dubartootni fi gareen kan ergamootaa gargaaraa kan turan (Maatii 27:55, Maariqo 15:40-41)
2. 7:36-38 irratti kan ibsaman dubartoota (jechuun, mucaa durbaa, yookaan durba hiriyaa yookaan kadhima)
3. Haadha manaa geggeesitoota waldaa kiristaanaa tajaajila daqunootaa wajjin wal fakkaataa dha Roome 16:1 yookaan "kan haadhi manaan jalaa du'an gahee isaanii" kan tiksoota (1 Xiimoo 3:11, 5:9-10)

Tarii hundumtuu gurgudooti kudha lamaan fuudhaniiruu ta'a, sababi isaa fuudhuu dhiisuun Yihudoota biratti ammanatti waan hin taaneef. Yihudootni kan fuudhan Seera uumamaa 1:28, 9:1, 7 hundee ajaja jiruutiin.

▣ **"Akkuma ergamoota kan biraa"** "ergamaa" jechi jedhuu Kakuu Haaraatti hiika baay'ee qaba

1. Yesusiin kan waamamanii fi jireenya isaa biyya lafaa irratti hordofaa kan turan
2. Phaawulos kan waamamee mul'ata addaatiin, karaa Daamasqoo irratti
3. Waldaa kiristaanaati kennaa itti fufeenya qabu (Efeson 4:11), innis namoota baay'ee kan ammattu

As kan jiru dhimmi qabiyyee barreefamaa tarreefamni Phaawulos maal akka godhee dha

1. Ergamoonni kan biraa
2. Obboloota gooftaa
3. Keefaa
4. Baranabaasi fi Phaawulos

▣ **"Obboloota gooftaa"**Jerome (3:46-4:20) isaan aadadaa fi eessuma gooftaa ijoollee isaani akka ta'ani in amanu. Iphifinaas (310-403) akka jedhutti gaa'illi Yooseef kan duraa kan ta'an ijoollota isaati jedha. Isaan lamaan kun hiikii isaa ifatti kan wajjin deemu kan Roomi Katoolikii kan isaan guddisaa dhufan waa'ee Maarihaami kan isaan qaban tilmaama dursa wajjin malee Kakuu Haaraadhaa wajjin miti. Maarihaam Yesusiin boodaa ijoollee dabalataa qabdi (Maatihos 12:26, 13:55, Maariqoos 6:3, Yohannis 2:12, 7:3, 5, 10, Hoji.erg.1:14, Galaa 1:19).

Innis argisiisuu kan inni danda'uu, Yesus obboloota wallakaa waldaa kiristaanaati hirmaatoo damaqoo kan turan, geggeesitoota akka turan in yaadama. Akka dhugaa isaa yoo ta'e, firri Yesus inni jalqabaa waldaa kiristaanaa Yerusaalem geggeessaa ture, dhaloota baay'eedhaaf, jaarraa 1 Yaaqoobi eegale.

▣ **"Keefaa"** kun boca Aramaayikii ti, Girikiidhaaf Pheexiroos. Hiiki isaas dhagaa guddaa yookaan kattaa dha (Maati 8:14, Yoha 1:42). Keefaan fuudheera (Maar 1:30).

Phaawulos Pheexiroosiin "Keefaa" jedheeti kan waamu 1 Qoro 1:12, 3:22, 9:5, 15:5 fi Galaa 1:18, 2:9. Haa ta'u malee Galaa 2:7, 8:11, 14, Pheexiroos jedheeti kan waamu. Garaagarummaa xin-waaqummaa tokko illee waan qabu hin fakkaatu. Caalaatti garaagarumaa barreefama qabaachu irraa kan hafe. Inni bakka bakkaatti wangeella keessatti Pheexiros jedhameeti kan waamamu, Yohannis 1:42 irraa kan hafe.

Ajaa'ibsiisa kan ta'uu waldaan kiristaanaa Pheexiroosi wajjin kan wal qabatuu baay'ee hundee cimaadha (jechuun Pheexiros) fi "kattaa kana" (jechuun, Pheexira) Maatihos 16:18. Yesus kan dubbatu Haramaayikii ture kanaafis waan tokkoo illee gara garumaan jechaa hin turre, qooqa sanaan.

**9:6 "Barnabaas"** Baranabaas immoo ergamaa jedhamee waamameera, kunnis bal'isee fayyadamu jechichaa argisiisa (Efeson 4:17) kan jalqabaa kudha lamaan caalaa (Hoji.erg.14:14, 18:5).

**MATA DUREE ADDAA: BAARNAABAAS**

I. Namicha
   A. Qophrositti kan dhalate (HE 4:36)
   B. Warra Leewwii keessaa kan ture (HE 4:36)
   C. "Ilma jajjabeessu" jedhamee moggaafame (HE 4:36; 11:23)
   D. Miseensa waldaa Yerusaalem (HE 11:22)

E. Kennaa hafuuraa, raajii dubbachuu fi barsiisuu qaba ture (HE 13:10)
F. Ergamaa jedhameera (HE 14:14)

II. Tajaajila isaa
  A. Yerusaalem keessatti
    1. Qabeenya isaa gurguree hojii isa hiyyeessota gargaaruuf ergamootatti kenne (HE 4:37)
    2. Geggeessaa waldaa Yerusaaleem (HE 11:22)
  B. Phaawuloosi wajjin
    1. Inni warra jalqaba amanuun Phaawuloos dhugaa ta'uu isaa fudhatan keessaa tokko (HE 11:29)
    2. Xarsees dhaqee Phaawuloosin barbaadee waldaa haaraa chi turte gargaaruuf Anxookiyaatti isa fide (HE 11:24-26).
    3. Waldaan Anxokiyaa Barnaabaasii fi saa'oliin buusii gargaarsaa wajjin waldaa Yerusaalemitti ergite (HE 11:20-30)
    4. Barnaabaasii fi Phaawuloos adeemsa isa jalqabaa wajjin deeman (HE 13:1-3)
    5. Barnaabaas Qophroositti (kutaa biyya bishaan keessaa lafa itti dhalate) geggeessaa ture, garuuitti aanee geggeessaa Phaawulostu mil'ata (cf. HE 13:13)
    6. Tajaajila isaanii Ormoota gidduutti godhan ibsuufi galmeessuuf waldaa Yerusaaleemiif gabaasa dhi'eessan (HE 15, walga'ii Yerusaaleemitti ta'e jedhama).
    7. Barnaabaasii fi Phaawuloos yeroo jalqabaatiif seera nyaataa warra Yihudootaa fi amanuu warra saba Waaqayyoo hin ta'inii irratti waldhaban (Gal. 2:11-14).
    8. Phaawuloosii fi Barnaabaas adeemsa isa lamma wajjin karoorsan, garuu waa'ee durbi Baranaabaas, Maarqoos irratti waldhaban (cf. Qol 4:10), Maarqoos hojicha yeroo adeemsa isa duraa dhiisee deebi'ee (cf. HE 13:13). Phaawuloos adeemsa isa lammatti isa wajjin adeemuu dide, kanaaf gareensuu adda ba'e (cf. HE 15:35-41). Kun gareen lama akka uumamu godhe (Barnaabaas) Maarqoos fi Phaawuloos/siilaas).

III. Seenaa Waldaa (Euse bius)
  A. Barnaabaas warra torbaataman Yesuusiin ergaman keessaa tokko ture (cf. Luq 10:1-20)
  B. Inni akka kiristiyaana tokkootti dhiphatee aarsaa ta'ee biyya isaa Qophrositti du'e.
  C. Tertulliyan akka jedhutti ergaa Ibirootaa isatu barreesse
  D. Xalayoota ergaawwan warra kaaniin wal hin fakkaanne barreesseera kan jedhus jira.

▣

**NASB** **"Hojii dhiisuudhaaf mirga kan in qabne"**
**NKJV** **"Hojii dhiisuudhaaf mirga kan hin qabne"**
**NRSV** **"Jireenyaaf kan ta'ee hoii dhiisuuf mirga kan hin qabne"**
**TEV** **"Jireenya keenyaaf dirqamatti hojeechu kan qabnu qophaa keenya"**
**NJB** **"Hajii dhaabuudhaaf tokko iyyuu mirga kan hin qabne qophaa isaa"**

Barsiisonni (barsiisoonni Yihudootaa) hjii humnaa ulfina irra ejjechiisu. Barsisoonni hundumtuu hojii amantii kan hin taanee qabaachuun isaani dirqama, sababi isaa dhugaan Yaahiwwee barsiisi isaa horii fudhachuu akka cubbuutti lakkaa'aa waan tureefi dha (Pirke Abot 1:13, 4:7). Phaawulos akka lallabaa wangeelaatti mirga isaatti fayyadamuu hin barbaanne (lakk. 18) kun ta'uu kan qabuu (1) Dhaala Yihudoota irraa yookaan (2)Namoonni tokkoo tokkoo Phaawulos namoota kan inni dirqisiisuuf horiidhaaf jedhanii waan mormaniif (Hoji.erg.20:33, 2 Qoro 11:7-12, 12:14-18).

9:7-14 lakkoofsoota kana irratti fakkeenyoota baay'ee qabu, jireenya guyyaa guyyaa keessaa kan ba'aan isaaniif fakkeenya ta'anii kan isaan argisiisan hojeetooti wangeelaa jireenya isaaniitiif kan ta'u miindaa waldaa tajaajilan irrraa argachuun isaani sirrii ta'uu isaa argisiisa (Roome 15:27) (1) loltuu lakk.7 (2) Abbaa aradaa wayinii lakk.7 (3) Tiksee lakk.7 (4) Sangaa lakk.9 (5) Qottuu qonnaa qotuu fi kan rukkutuu lakk.10 (6) kan sanyii facaasuu lakk.11 fi (7)Luba lakk.13.

## I Qorontos 9:8-14

[8]**Ani isa seerichi jedhun dubbadha malee, yaada namaa duukaa bu'ee kana hin dubbadhu. 9Seera keessatti, "Qotiyyoo sirbsiisaa irra jiru afaan isaa hin hidhin!" kan jedhu caafamee jira; egaa Waaqayyo**

**qotiyyoota duwwaadhaaf dhimmee ree?* [10]KAraa hundumaa waa'ee keenyaaf dubbata mitii ree? Namni qotiisa qotu waa abdata mitii ree? Namni qotiisa qotuu waa abdachaa akka qotuuf, inni midhaan sirbisiisus ija isaattii hirmachuudhaaf abdachaa akka sirbisiisuuf, kun nuuf jedhee caafame*. [11]Nuyii wanta jireenya hafuuraatiif barbaachisu erga isiiniif facaafnee, wanta jireenya fooniitiif barbaachisuu utuu isin irraa hammannee nuttu guddata turee ree*? [12]Warri kaan kan akkasi isin irraa argachuun in ta'aaf erga ta'ee nuuf immoo caalaatti nuuf hin ta'uu ree? Nuyii garuu wan nuuf in ta'aa turee kanaan hin hojjenne, wangeela Kristositti danqaraa akka hin taaneef, waan hundumaa of irra keenye*. [13]Warri mana qulqullummaa keessa hojjetan, mana qulqullummaatii nyaata isaanii akka argatan, warri iddoo aarsaatti qalma dhi'eessan isa aarsaadhaaf dhi'aate sana irraa akka hirmaatan hin beektanii ree*? [14]Akkasuma immoo warri wangeela labsan waan ittiin jiraatan wangeelichumaan akka argatan gooftichi abboomeeraaf*.**

**9:8**
**NASB** **"Akka murtii namaati"**
**NKJV** **"Akka nama taraatti"**
**NRSV** **"Taayitaa namootaatiin"**
**TEV** **"Isaan kanaan fakkeenya guyyaa guyyaa mataa koo murteessuudhaaf"**
**NJB** **"Warafasaatiin kan ogummaa biyya lafaa"**

Barreefamni Girikii "akka namootaa utuu hin ta'in" kan jedhuu qaba (jechuun, *anthrōpos*,, innis namoota kan argisiisuu dha). Phaawulos gaalleewwaan faallaa kana yeroo hedduu fayyadameera (3:3, 9:8, 15:32, Room 3:5, Galaa 1:11, 3:15). Kunnis jecha haalaa isaa karaa faallessu ture kan lafaa karaan namootaa isa haara hafuura qulqulluu kan geggeessuu (jechuun, Yesus yookaan keessa jiraachu hafuura qulqulluu) kan yaadatamuu fi karaa gochuu.

**9:9 "Seera Musee irratti barreefameera"** gaafiin Yihudootaa karaa deebbii taayitaaa yoo qabaate heeruu qaba, yoo danda'ees barreefama Musee keessaa (jechuun, Seera uumama, Keessa deebii) kanaafiis, Phaawulos Keessa deebii 25:4 (1 Ximoo 5:18 heerameera).

**MATA DUREE ADDAA: BEEKUU ILAALCHA PHAAWULOOS SEERA MUUSEETIIF QABU**

Inni gaariidha Waaqayyorraayis (cf. Rom. 7:12,16).

A. Inni karaa quqlullummaa fi Waaqayyoon fudhatamuu miti. (inni abaarsas ta'u ni danda'a cf. Gal. 3).
B. Amantootaaf ammayyuu fedha Waaqayyooti, sababni isaas inni mul'ata Waaqayyoo ofii Isaati (Phaawuloos yeruma hundaa amantoota jajjabeesuu fi/ykn yakkuuf Kaku Moofaa ni eera).
C. Amantoonni Kakuu Moofaadhaan odeeffannoo argatu (cf. Rom. 4:23-24; 15:4; 1Qor. 10:6,11), garuu Kakuu Moofaadhaan hin fayyani (cf. HoE 15; Rom. 4; Gal. 3, Ibr.)
D. Inni Kakuu Haaraa keessatti
   1. Cubbamumma argisiisuuf (cf. Gal. 3:15-29)
   2. Dhala namaa hawaasa keessatti furaman qajeelchuudhaaf
   3. Kiristiyaana murtoowwan naamusaa beeksisuuf ni gargaara.

Inni kun abaarsaa irraa fi gara eebbaatti cehuu fi dhaabbatummaa isa ilaalcha Phaawuloos seera Muuseetiif qabuu hubachuuf yaaluu keessatti rakkina fidu ispeekitramii ti'oolojiiti. "Namni tokko Kiristoosin" keessatti, Jamsi Steewaarti yaadotii fi barreeffamoota Phaawuloos yeroo dhagahaman waan dhugaa hin fakkaanne garuu immoo dhugaa ta'an ni argisiisa.

Isin karaa sirrii ta'een anam tokko kan hamma danda'ameen mata jabummaadhaan hiikkaawwan jechootaa ofiimaa filate walitti suphuudhaaf yaaluun tooftaa yaadaa fi barsiisa amantii ijaaruuf ofii isaa sirreessaa ture eegdaniirtu ta'a. Gaalee yaada mata duree isa dogoggora maleessa akka ta'utti, akeekkatu ni eegdu. Isin dubbii tokko, inni miira addaa ta'een barreessaa keessaniin al takkaa fayyidaarra oole, miira sana guutuutti baachuu akka qabu ni barbaaddu. Garuu isa kana Phaawuloosi irraa barbaaduun kan gaddan ta'uufi. Gaaleeffamni isaa irra jireenyi jabaa otuu hin ta'in, dhanalaa'aadha. "Seerichillee ofii isaatii qulqulluudha" jedhee ni barreessa, "Ani keessa namummaa kootiin seera Waaqayyootti nan gammada (cf. Rom 7:12,22), garuu immoo *nomoz* inni wanta kan biraa akka dubbatu isa godhu ilaalcha ifaa kan biraati; "Kiristoos, abaarsa isa seerichi nutti fide nu fureera (cf. Gal. 3:13) (F 26).

▣ **“Horii alala guuruu afaan isaa hin hidhinaa”** kun kan heeramee saptuwaajeentii (seera) keessa deebii 25:4 dha, “hidhuu” jechii jedhuu *phimōsies*, dha, innis barreefama Girikii P46, a A, B3, C, Db,c, K, L, P,fi kan boodaa ammatuun barreefama xixinnoo kan uumamuu dha. Kunnis immoo luqisii Phaawuloositiin barreefama wal fakkaatu 1 Ximmoo 5:18 irratti fayyadama irra oolera.

Ta’es, UBS4 qopheesitootni kan adda ta’ee *kēmō*seis filataniiru, innis immoo “hidhuu,” kan ta’ee MSS, B*, D*, F, fi G irratti. Kan isaanii yaadi fayyadama dhiphoo irratti jecha oole (tarii jecha cigoo) isa guddaa ta’uu danda’a, sababi isaa kan biraan saptuwajeentii irraa ta’uu yoo danda’ee 1 Ximoo barreefamni heerame maaliif kan ba’aan? Akka isa tokkootti jechi fillatamee hiika tokko illee adda addummaa in fiduu, garuu inni geggeessaa barreefamaa ibsa, isaaniis deebi’uudhaaf yaalii godhu. Haftuu lamaanuu ilaala.

## Mata duree addaa: Qeeqannoo Kan barreefama

Ibsa gabaabaa kan yaadaa fi rakkina “lower criticism” yookiin qeeqannoo qabiyyee barreeffamaa“textual criticism.”.

A. Garaagarummaan akkamitti uumama
   1. Utuu in yaadamin yookiis akka tasaa (baay’een kan uumaman)
      a. Ilaalcha dogogoraa
         (1) Yeroo barreefama harkaa isa lama dubbisuuf, jecha wal fakkaataa lama yeroo dhufaniti, akkasumas sana gidduu kan jiran jechi guutumaati cituu (HOMOIOTLEUTON)
         (2) Qubee dirribii kan qaban jechi cituu (HAPLOGRAPHY)
         (3) Dogogora sammuu, gaalleewwan yookaan sarara barreefama Girikii irra deebi’uudhaan (DITTOGRAPHY)
      b. Dogogora guraa dubbifama jechaa yeroo godhamuu gala galuu, waan dubbistuuf dogogorri yeroo uumamu (ITACISM). Dogogorri dubbisaa yeroo hundummaa kan uumamuu sagallee wal fakkaataa kan qaban jecha Girikiitiin
      c. Barreefamni Girikii durrii boqonnaa yookaan lakk. kutaa hin qaban, xiqqoo yookaan tokkoo illee seera tuqaa fi jecha gidduutti ramaddii hin qaban turan. Jechuun kan danda’amuu ergaan isaa gara iddoo adda addaatti yeroo ramadamutti jechooti adda addaa uumamuu isaaniitiin.
   2. Ta’ee jedhamee
      a. Jijiiramni kan godhamee, seer-luga barreefamichaa boca isaa fooyessuudhaaf, barreefama waraabaman,
      b. Jijjiramni ta’eera, barreefamicha barreefama Macaafa qulqulluu kan biroo wajjin wal bira qabuudhaaf (tokkummaa wal cinaa)
      c. Jijjiiramni ta’eera, lama yookaan isaa ol kan ta’an ramaddii addaa addaa gara tarkaanfii tokkotti barreefama dhokkataa jijjiiruu (walin makuu)
      d. Jijjiiramni ta’eera, barreefamicha keessatti in jiraata jedhamee kan yaadamee rakkina dhabamsiisuuf (cf.BART EHRMAN, the Ortodocs corruption of scripture, (jechichi kallattidhaan hojii ala kan ta’e) fuula 146-150ti Ibiroota 2:9 kan ilaale)
      e. Kan biraan ragaan dabalataa, akka seenaa yoomii fi eessaa yookaan hiikii sirriin Macaafichaa godhamee, barreessaa tokkoon miila jalatti yaadannoon ta’aanii barreessaa biraatiin immoo barreefamicha keessatti yeroo taa’u (Yohannis 5:4)

B. Kan nbarreefamichaa qeeqannoo safartuu hundee qabeessa
   1. Baay’ee rakkisaan yookaan seer-lugaa hin barratamiin kan ta’ee barreefamichi tarii isa guddaa ta’uu danda’a, sababni isaa barreesitootni barreefamicha kan bareede gochuu waan yaalaaniif.
   2. Barreefamni gabaabaan tarii isa guddaa ta’uu danda’a, sababni isaa barreesitootni raga dabalataa yookaan gaaleewwaan cinna keeyataatiin dabaluu waan danda’aaniif.
   3. Barreefamni durii caalaatti ulfinatu itti kennama, sababni isaa isa guddaa dhaa wajjin walitti dhi’eenya seenaa waan qabuuf, kan hafee hundumtuu wal qixee ta’a.
   4. Haalaa teessumma lafaatiin barreefamoota adda addaa kan ta’an yeroo baay’ee dubbifama isa guddaa in qabaatu
   5. Garaagarummaan akkamiti uumuu akka danda’aani yaaliin godhameera (kun hayyuu baay’eedhaan kan godhamuu baay’ee kan fayyadu ibsa amantii akka ta’anitti tilmaamama
   6. Tokkoon tokkoon barreesitootni Macaafaa kan tooftaa barreefamaa, jecha, fi xin-waaqummaa tarreessuudhaan, ta’uu kan qabu jecha isa guddaa fayyadama murteessu

UBS[4] jechii Girikii baay'een qayyabbannaan yoomii di eessaa fayyadma irra ooleera, wali wajiin kan godhaman barreefamooni fillatamooni, barreefama Girikii adda addaa irraa. Beektootni baay'een akka tilmamaanitti 97% ol kan ta'aani isa guddaa qindaa'uma jechoota argameera.

▣

**NASB** **"Waaqayyoo waa'ee sangaa in dirqisifaamu, in dirqisifaamaahii"**
**NKJV** **"Waaqayyoo waa'ee sangootaatiif kan inni dirqisifamuu"**
**NRSV** **"Waaqayyoo waa'ee sangootaatif in dirqisifamaa"**
**TEV** **"Egaa, Waaqayyoo waa'ee sangootaatiif in dirqisiifamaa"**
**NJB** **"Asitti Waaqayyo kan dirqisifamuu waa'ee sangootaati"**

Lakk.9 fi 10 kan argisiisani barreefama Kakuu Moofaa tokkoo akkamitti akka babal'atu dha (faayidaa isaa yookaan hojii irra oolchuu isaa baasuudhaaf) bara haaraadhaaf akka wali galutti godhame (Roome 4:23-24, 15:4, 1 Qoro 9:10, 10:6, 11). Kakuu Moofaan horiidhaaf kan godhamuu kunuunsa addaa argisiisa (Ba'uu 21:33, 35, 27:10-13, 23:5, 12, Keessa deebii 5:14, 22:4). Yesus kunuunsa horii kanaa heerera (Luqaas 13:15, 14:5 innis "salphaadhaa fi ulfaataa" geggeefama kan barsiisootaa itti fayyadameera). Kana jechuun Waaqayyo horiidhaaf of hin eegatu jechuu miti, haa ta'uu namootaafis immoo of eegata, kanaafis qabiyyee barreefama kanaatiin, hojjeetoota wangeelaatii fi (1 Ximoo 5:18). Kunni Maaatihos 6:26-34 wajjinwal fakkaataa dha, Yesus kennuu Waaqayyoo uumamaan argisiiseera, kunnis Waaqayyoo bifa isaatti nama uumee kennuu isaa cimsuudhaaf. Kun kan beekame tooftaa kan barsiisootaati, "inni isa guddaadhaaf) jechuudhaan kan beekamuu yookaan "salphaadhaa fi ulfaataa" innis hillel geggeefama keessaa tokko ture (cf. Aboth. De Rab. Nathan XXXV II fi Tosefta Sanhedrinc. Lakk.7). Gamaaliyaan kan Phaawulos barsiisaa isaa akka ture yaadadhu (Hoji.erga 5:34, 22:3).Ezil 3 (hiika kan barsiisootaa) Ibiroota keessati www.freebiblecommentary.org.irratti ilaali.

**9:10**

**NASB** **"Innis raawwatee kan dubbatee nuuf miiti ree? Eeyyee, kan barreefamee nuuf jedhameetii"**
**NKJV** **"Innis raawwatee kan dubbateef nuuf mitii? Kan barreefameefis nuuf ta'uun isaa mamii hin qabu"**
**NRSV** **"Innis raawwatee kan dubbatee waa'ee keenyaaf mitii? Dhugumatti kan barreefameef nuyiif"**
**TEV** **"akkas jechuun isaa nuun jechuu isaati mitii? Dhugumatti kan barreefameef nuyiif"**
**NJB** **"Innis raawwaate kan inni dubbateef nuuf jedhee in tureeree? Ifatti inni kan barreefameef nuyiif"**

Phaawulos yeroo bay'ee cimsa kan laatuu Kakuu Moofaan kan barreefameef amantoota Kakuu Haaraatiif akka fakkeenyaatti (Roome 4:23-24, 15:4, 1 Qoro 9:10, 10:6, 10). Kan Phaawlos kan barsiisootaa seera leenjii gara haala yerootti hojii irra oolchuuf barsiiseera. Asitti kan inni fayyadamee kan barsiisootaa tooftaan wal falmii "salphaadhaa fi ulfaataa jedhamuudhaan beekama", yookaan "isa xinnaa isa guddaadhaaf".

Seera keessa deebii 2qabiyyeen barreefama kanaa raawwachuu fi kan hin beekamnee fi kan hin barbaachifne ture. Gaaffiin hiika isaa, "Phaawulos kan warra gurguddoo yaada liqimfamuu barreefamaa fayyadameeraa yookiis?" kan jedhuu dha. Deebiin isaa ifa dha "miti" dha! Garuu innii geggeessaadhaa fi fudhatama kan qabuu fayyadama fayyadameeraa yookiis? Phaawulos kan liqimfamuu dha! Inni dhugaa kan ilaaluu nuyii ilaaluu sadarkaa dandeenyuunii dha! Nuyi kan liqimfamnuu yoo ta'uu baannee iyyuu hafuuraa isaattiin kan nuuf ifeedha. Hiikii ammayyaa barreefamni Kakuu Haaraa tooftaa hiikuu immoo uumuin dandeenye. Kanaafis ofi isaani akka dubbatan kan wayyu dhiisuu dha, mataa keenya garuu seenaa seer-luga galumsaa daangeessuu nurra jiraata, innis yaada barreessaa jalqabaa kan barbaaduu ta'a, akka hiika murteessuutti, haa ta'uu malee raawwii baa'ee hiyyamuun, isaanis yaada duraa wajjin kan adeeman! Mata duree addaa ilaali, ibsaaf liqimfamuu, 1 Qoro 2 jalqaba irratti.

**9:11 "Akka…..Akka"** haala hima sadarkaa tokkoo lamaa qabu isaanis yaada barreessaa yookaan kan barreefama isaa haalaa kaayyoo sirridha jedhamee kan amanamu.

Gaaffii sirriin waldaa kiristaanaa Qorontos gargaarsa kan gaafatan kan biroon mirga qabna kan jedhan eenyu fa'ii kan jedhuu dhaa? Inni kan adeemuu barsiisoota sobduu yookaan kutaa geggeessaa waldaakiristaanaa hosiftuu ta'aa? Inni tarii kan argisisuu kan biraa geggeesitoota waldaa kiristaanaa hosistuuti, waldaan kiristaanaa akka gargaartuuf hiyama kan dhowwatan (J.B. Phillips hiikoota).

▣ **"Faacasuu… haamuu"** kan Kakuu Moofaa qonna yoomii fi eessaa kan ta'e waqtillee kan hafuuraa geggeessuu ta'eera (Iyoob 4:8, Fakkeenya 22:8, Hosee 8:7, Haagee 1:6, Yohannis 4:37, 1 Qoro 9:11, 2 Qoro 9:6, 10, Galaatiyaa 6:7-9).

▣ **"Wantoota foonii"** kun akkuma jirutti *ta sarkika* dha, "wantoota foonii" garuu bifa cubbammaatiin kan hin taane, caalaatti bifa fooniitin, namooti biyya lafaa kana irratti jiraachuuf kan isaan barbaachisuu (jechuu, bishaan, mana, nyaata, uffata, kan kana fakkaataan Roomee 15:27).

**9:12 "Akka"** kunnis kan biraa ramaddii tokkoo hima haalaati. Geggeesitootni tokko tokkoo mirga isaatti fayyadameera (jechuun Exousia) wantootaa fi itti dabalataa akka ta'u.

▣ **"Nunuyii kan caaluu akkamiti ree"** kun Masihii dha, Phaawulos waldaa kiristaanaa kana hundeessuu isaa kan argisiisu. Inni abbaa isaani hafuuraa ture (4:15). Ammaa mirga kan hafuuraa isaa itti hin fayyadamne (lakk.11:14, Roomee 15:27) kan biroon garuu wantoota dabalataa akka argatan hiyameera.

▣ **"Haa ta'uu malee wantoota hundumaa in obsina"** kun fayyadama dubbii haalaa jecha Girikii "guutuu manaa" dha hiikii isaa "haguuguu" "dhoksuu" yookaan "cimuu" dha (13:7).

▣ **"Gufuu"** kun jecha cimaa loltuuti. Jechichi fayyadama irra kan oole karaa balleessu wajjin, diinii akka itti in fayyadamneef jedhamee waamamuu irraa kan hafe.

▣ **"Wangeela Kristoos" "wangeela"** jechi jedhuu akuuma jirutti "oduu gaarii" innis bifa baay'eedhaan hamatama.

1. Ka'umsa irraa oduu gadhee kan ta'ee cubbuu mucaa namaatii fi jal'ina
2. Ayyanaa Waaqayyootiin kan guutame kennaa cubbu namootaa dhabamsiisuudhaaf (jechuun du'aKiristoosiin"
3. Hafeeraan fuulduratti jiruu eenyummaafi iyyuu hundumaaf, kennuu Waaqayyo fudhachuudhaaf qalbi jijiirannaadhaa fi amantiidhaan

Kun waa'ee Yesus kan ta'ee oduu gaarii bifa sadii of keessatti qabata.

1. Inni qaama nagaadhaan simatuu dha (jechuun, Yesus)
2. Innis waa'ee qaama kanaa dhugaa amanamuu dha (jechuun, kakuu haara)
3. Innis jireenya nama sanaa kan sirreessuu (jechuun, Kristoosiin kan fakkaatuu jireenya).

Isaan bifa sadan tokko illee keessaa yoo salphatee wangeelli in diigama!

**9:13 "Mana qulqullumaatti kan tajaajilan manaa qulqullummaatti kan ta'ee akka nyaataan"** kun kan argisiisuu kan Kakuu Moofaa Lubootaa fi Leewoota (Leewota 7:6, 8-10, 14, 28-36, Keessa deebii 18:1). Phaawulos jechi inni fayyadamee saptuwaajeentidhaan hojii Lubummaatiif fayyadama irra kan ooleedha Seera lakk.3:7, 8:15) akkasuma hojii hundumaaf (Uumama 2:5, 15, 3:23, 4:2, 12, 29:27). Phaawulos tajaajila wangeela isaa kan argisiisuu akka tajaajila lubummaati (Roomee 15:16).

**9:14 "Gooftaanis aboomeera"** kun kan argisiisuu jecha Yesusi fi Maatihos 10:10 fi Luqaas 10:7 kan jiru. Phaawulos yeroo hundumaa barumsa Yesus irraa heeruu yaala, dhimma mata duree wajjin wal qabatee

## I Qorontos 9:15-18

**[15]Ani garuu waan anaaf in ta'a ture kana keessaa tokkotti illee dhimma hin bane. Ammas wanta anaaf in ta'a ture kana argachuudhaaf jedhee kana caafuu koo miti; kana manaa du'a koo wayya. Waanan ittiin of jajuu danda'u kana, namni bishaan itti na duraa hin naqin*. [16]Wangeela lallabuu kootiin of jajuu hin danda'u; kana himuun ana irraa in barbaadama; wangeela yoon lallabuu dhaabaadhe garuu, anaaf wayyoo*! [17]Fedha kootiin utuun kana godhee gatii nan argadhan ture; fedha koo malee erga ta'ee garuu, hojiin kun Waaqayyo biraa hadaraa anatti kennamuu isaa ti*. [18]Egaa bu'aan koo ti, wangeelaan isa argachuun anaaf in ta'a tures utuu hin gaafatin, wangeela tola namatti himuu dha.**

**9:15 "ani garuu isaan kana hundumaa irraa waan tokkuu iyyuu in fayyadamne"** kun giddu galleessa xumura argisiisuu dha. Phaawulos dabalataan waan tokko illee warra Qorontos irraa in fudhanne tarii waldattiin kun isa

miidhuudhaaf waan hundumaa kan fayyadaman jiraachuu isaaniti. Inni Filliphuus irraa horii fudhateera (4:15) fi Tesoolonqee (2 Qoro 11:9), garuu booda irrattii dha¸achi yeroo tureetti hin ture.

▣ **"Akkas iddoo nati ta'u du'aa naa wayya"** akkam ibsa cimaa jiruu dha, gargaarsa fudhachuun yookaan diduu wajjin kan wal qabatu. Akkasuma immoo tuqaa kana irratti rakkoo seer-lugaa qaba, kunnis adda addummaa barreefama Girikoota uumuudhaan. Phaawulos dhimma mata duree kanaa irratti baay'ee kan in obsinee dha. Inni horii gargaarsaa Filliphoos irraa fuudheera (Filliphus 4:15 fi Tesolonqee (2 Qoro 11:9) Qorontos irraa garuu maaliif? Ifatti sababa kanaan ta'uu danda, dhuunfaa isaatti miidhaan kan irra gahee, gareen murtaa'aan yookaan barsiisoota sobduudhaan.

Yaadi Phaawulos rara'eera, gidduu hima kanaa irratti, "naa wayya" booda irratti. NRSVfi NET Macaafa qulqulluu NJB garuu koomaa kaa'uusaa hubadhu,. Yeroo kaa'uu, seer-lugaa isaa caccabsuu argisiisuudhaan caccabsuun kun gaalee itti fuee jiru akkam akka inni gadi qabu sirritti hin beeku. Kana jechuun kan fakkaatuu waldaa kiristaanaa Qorontos irraa horii tokkoo illee fudhachuu dhiisuu isaati, garuu utuu hin dubbatin dhiiseera. Kun baay'ee dhumatti keeyata miiraan ta'eedha. Phaawulos itti dhaga'aamee mormaa, iyachaa jira, tuqaa isaa barsiisuu caalaa. Geggeessaan jireenya isaatti in argisiisu (jechuun, hundumaa, wanta hundumaa, yeroo hundumaa, hundumaa wajjin, wangeelaaf, 2 Qoro 4:5-12, 6:3-13, 11:16-33,)!

Ergaa Phaawulos hiikuun baay'ee ulfaata, nuyii yeroo hin jireen (1)Waldatiin kiristaanaa isaaf kan barreesite xalayaa (2)waa'ee waldaa hosiiftuu beekumsa addaa.

**9:16 "Akka…akka"** isaan lamaan kun ramaddi sada himoota haalaati, gocha cimaa kan ta'an.

▣ **"Dirqamni narra ga'eeti, yoon wangeela lallabuu baadhee anaaf wayyoo"** Phaawulos lallabuudhaaf dirqama itti ta'eera, waamicha addaa Kristos irraa, karaa Daamaasqootti (Hoj.erg.9:15, Room1:14). Inni akka Ermiyaas durii ture (Ermi 20:9). Wangeela hirmaachuu <u>dirqama</u> irra ture (Hoji.erga 4:20).

**9:17 "Akka….akka"** isaan lamaan kun hima haalaa ramaddii tokkooffa dha, yaada barreessaa irraa yookaan haala kan barreeffama isaatti irraa sirri dha jedhamee kan yaadamu.

▣ "Sooruun galfata natty kennameera" kun hoji irra kan oole kan xumurameetu argisiisa. Hojjetootni wangeelaa lamanuu, fayyadama kakuu fi itti gaafatamummaa guddaa (4:1, Galaa 2:7, Rfe 3:2, Qolaa 1:25). Soortuu kan jedhuu 4:1 irratti kan jiruu guutummaa yaadannoo ilaali.

## I Qorontos 9:19-23

**19Namoota hundumaa biratti birmaduu ta'ee utuman jiruu, caalaatti namoota buufachuudhaaf hundumaaf garba of godheera*. 20Yihudoota biratti, warra Yihudootaa buufachuudhaaf akka Yihudiiin ta'e; warra seera jala jiran biratti, ofii kootii seera jala yoon jirachuu dhaabadhe iyyuu, warra seera jala jiran sana buufachuudhaaf akka nama seera jala jiruun ta'e*. 21Warra seericha hin qabne biratti, isaan buufachuudhaaf akka nama seericha hin qabneen ta'e; haa ta'u iyyuu malee, seera Kristos jala waanan jiruuf, ani seera Waaqayyoo hin dhabne*. 22Warra amantiitti xobbee ta'an biratti, warra amantiitti xobbee ta'an biratti, warra amantiitti xobbee ta'an buufachuudhaas akka nama xobbee ta'eera; karaadhuma hundumaan namoota muraasa illee oolchuudhaaf, namoota hundumaa biratti waan fakkaatuu hundumaa ta'eera*. 23Hojii wangeelaatiin kennaa isaa keessaa hirmaachuudhaaf, wangeelaaf jedhee kana hundumaa nan godha.**

**9:19 "Namoota hundumaa keessaa birmaduu kanan ba'ee yemmuu ta'u"** kun sirri kan ta'ee birmadummaa kan kiristaanaa cimsa (9:1, 10:29, Galaa 5:13). Martin lutteer akka jedheetti, "namni kiristaanii waan hundummaa irratti gooftaa bilisaati, kanaafis eenyuu jalaa iyyuu in ta'u. namni kiristaanii garba tajaajilaati, wantoota hundumaa, nama hundumaatiif abomama". Roome 14 fi 15 irraa yaadannoo 1 Qoro 6:12 irraa ilaali.

▣ **"Hundumaaf mataa koo nan bichisiisa"** kun kan sirri ta'ee itti gaafatamummaa kiristaanaa kan cimsuu dha (Roome 14:1-15:13, 2 Qoro 4:5). Phaawulos garbicha Yesus ta'uu irraa kan ka'ee Kristos tajaajiluuf fayyisuuf kan inni dhufeef hundumaatiif tajaajilaa dha, kan amananiifis ta'e kan hin amaniniif. Mata duree addaa geggeessuu tajaajila 4:1 irratti ilaali.

▣ **"Kana waan ta'eefis baay'ee akka fayyisu"** jechi kun "buufachuu" dha (jechuun, *kerdainō*). Innis Kakuu Haaraatti bifa adda addaatiin fayyadama irra kan oole" qabiyyee barreefama kanaatiin Phaawulos jechicha kan fayyadamee bifa abbaa wangeelaa ta'eedhaan (9:19, 20, 21, 22 fi 1 Pheexi 3:1). Kun sirri kan ta'ee galma abbaa

wangeelaatti, kan gocha hundumaa (lakk.22-23). Abbaan wangelaa ta'ee jenne jireenya keenya hundumaatiin naannoowwanitti kan ta'u dha, tooftaa murtaa'een utuu hin ta'in , madaalli sirri ta'eeni dha, birmadummaa kiristaanaatii fi itti gaafatamummaa kiristaanaa giddu.

**9:20** lakk.kun kan ibsu gocha Phaawulos ta'i jedhee godhuu dha. Kan Phaawulos xiyaafannoon isaa guddaan abbaa wangelummaatti (lakk.20-23, 10:31-33). Kanaafis, Ximootihoosiin dhaqna qabee Yihudootaa wajjin hojjeechuuf jedhe (Hoji.erg. 16:3). Haa ta'uu malee Tiitoo dhagna qabne (Galaatiya 2:3-5) ormoota giddutti kan ta'uu birmadummaa wangeelaa akka hin mari'achiifneef.

▣ **"Ammam illee ofii kooti seera jala yoon ta'uu baadhee"** ajaa'ibsiisaa kan ta'uu Textux Receptus (jechuun, barreefama warra lixaa jedhamuudhaan kan beekamu), innis haala babalateen kan beekamu, ifatti gaalee isa guddaa in hammatu. Inni kan argamuu barreefama Girikootaa keessa p [46], a, A, B, C, D*, F, G, P fi Valget, Siiri'aak, Koopitiki, fi hiikawwaan Haaraamaayiki. Asitti jechi Phaawulos jecha Yesus wajjin dirqamatti adeemuu qaba Maati 5:17-20 irratti. Phaawulos seera Musee gara bukkeetti achi hin qabne, haa ta'uu malee raawwatama dhugaa isaa Kristosiin ilaaleera. Seerichi karaa fayyinaa miti garuu, inni amma iyyuu (1)ibsa dhugaa fi (2)fedha Waaqayyoo kan callaqisiisuu dha, haawasicha giddutti mucaa namaaf, inni kan hojjeetu qulla'uu itti fufeenya qabuni dha, tola utuu in ta'in. mata duree addaa 9:9 ilaali.

**9:21 "Haa ta'uu malee seera Kristos jala"** kun kan Kakuu Haaraa karaa waabiiti, Kakuu Haaraa irraa Ermi 31:31-34. Karaa adda addaa baay'ee qabu, gaalee Phaawulosi fi Yaaqoob kan tolfameef ("seera jireenya hafuuraa" Roomee 8:2 "seera Kristos" Galaatiyaa 6:2 "seera mudaa hin qabne, seera birmadummaa" Yaaqoob 1:25 fi 2:12 "kan mootii seera"Yaaqoob 2:2).

**9:22 "Warra dadhaboof akka warra dadhaboon ta'e, dadhaboota haa gargaaruuf"** "dadhabaa" hiikii isaa asitti sirritti hin beekamu sababi isaa qabiyyee barreefama kanaatiin fayyadama irra kan oolee safuu kan cimsan yookaan waaqqeffannaa ormaa kan raawwatan kiristaanoota (8:7, 10). Innis wajjin adeemu kan danda'auu waaqa tolfamaa kan waaqessani dha (lakk. 21). Hiikii William akkasumas kan inni hiikuu akka "safuu kan cimsuu" dha, kunnis akka waan gaarii kennutti. Mata duree addaa: dadhabbi 2 Qoro 12:9 ilaali.

▣ **"Karaa hundumaatiin tokko tokkoo fayyisuudhaaf, hundumaa wajjin wanta hundumaatiin akka isaani ta'ee" "kan hundumaa"** lakk. hubadhu (jechuun, pas boca) gaalee kanaan. Kan Phaawulos eenyummaan keessaa xiyaafannoo dhuunfaa irraa gara xiyaafannoo wangeelaatti ce'eera, inni gooftaa tajaajiluuf bilisa, wangeela tajaajiluuf, mootummaa Waaqayyoo tajaajiluu (Roomee 6:11, 7:4) jaalalli kan Phaawulos murteessaa jireenya isaa fi kallatti tajaaajila isaatiti!

Sammuun Phaawulos yeroo hundumaa wangeela irra (Roomee 11:14, 1 Qoro 1:21, 7:16, 10:31-33, 1 Ximoo 1:15). Ta'es gadiisiisaa kan ta'u gaalee dhummaa baay'een kan dhaga'aan ergaan isaa amantiidhaan deebii kennuu dhiisuun isaani ka'umsa waan kennuufi dha. Tokko tokkoo maaliif dhaga'uu (gura hafuuraa) tokko tokkoo garuu utuu hin dhaga'iin, kun kan fillamuutii fi dhoksaa fedha bilisaati!

**9:23** kun guduunfaa lakkofsaati, kan dabarsuu lakkoofsa. Innis 19-22 yookaan 24-27 na miidhuu danda'a yookaan mataa isaa danda'ee dhaabata. Lakk.kun hojiidhaan kan ta'uu fayyina hin falmu. Phaawulos hojii wangeelaa hojjechuudhaan miti kan fayye. Inni kan godhee wangeela waan fudhateef nagaa isaatii fi hariifachisummaa isaa waan hubateefi dha.

## I Qorontos 9:24-27

**24Warri wal dorgoma hundinuu yoo fiigaan iyyuu, kan dura darbee kennaa argatu garuu, tokkicha akka ta'e hin beektanii ree? Isinis akkasuma kennaa sana akka argattaniif fiigaa*! 25Namni dorgeedhaaf qophaa'u, waan eeggachuu isa barbaachaisu hundumaa irraa of in eeggate. Warri wal dorgoman gonfoo baala irraa hojjetame, isa coolagee badu argachuudhaaf kana godhu; nuyi garuu isa hin badne argachuudhaaf in dhamaana*. 26Anis akkuma kanatti akeeka koo bira ga'uudhaaf nan fiiga; abootuun koos akka nama akeeka isaa dhabee qilleensa rukutuu hin ta'u. 27Ani warra kaan dorgomeetti waamee, ofii kootii akkan keessaa hin hambifamneef, dhagni koo itti baree waan itti dhufu hundumaa akka danda'u, haleelee akka abboomamus gochuun anaaf in ta'a***

**9:25 "Bakka wal dorgomiitti kan wal dorgomman wanta hundumaatiin namummaa isaa bita"** Phaawulos jecha haalaa atileetiksii fayyadameera, tapha daarii galaanaa wagga waggaadhaan Qorontositti kan godhaman.

Cimsi as jiruu dorgomtoota atiletiksittiin kan godhamu yaalii caaluudhaanyaalii laphee hir'uutiin utuu hin ta'in (Ibiroota 12:1-3). Kiristaanii fayyina mo'uudhaaf hin dorgomuu sababi isaa fayyina waan barrateef. Dorgomichii Kiristoosiin mooneera, amma Kiristoosiif fiina!

▣ **"Gonfoo baduuf"** atileetooni Qorontos morkataa baala ejersaa gonfoo keeyatu (Ateensiitti gonfoon ejersaa, muka lalisaa deelbii) innis dafee kan cooligu. Amantootni kan fudhatan gonfoon (1)kan gammachuu (1 Tesoolonqee 2:19) (2)Kan tolaa (2 Xiimo 4:8) (3) jireenya (Yaaqoob 1:12, Mul'ata 2:10) fi (4) ulfina (1 Pheexi 5:4). Isaan kun raawwatanii kan hin coolignee gonfoo dha. Kan amantootaa gara kuteenyii fi dammaqinni kan attileetoota gadii ta'aa? Isaan kan hin darbinee wallaansoo godhu. Nuyii kan in badnee wallaansoo goona!

**9:26-27 "Ani nan fiigaa….ofan qaba…wallaansoon qaba"** isaan kun dubbii haalaa atileetiti fi mataa ofii ciminaan kan to'atuu fi kan bituu barbaachisummaa kan hubachisan. Jireenyi Kristos seerota tokko tokkoof madaalli qabu. Isaan kunnis kan wajjin wal qabatuu badhaasa wajjin malee fayyina wajjin miti. Phaawulosi kan barichaa kan jajabina argisiisa qaama hirmaateera, isaanis yeroo baay'ee jireenya kiristaanaatiif dubbii haalaa godhee itti fayyadameera.

## Mata duree addaa: Sadarkaa badhaasaatii fi adaba

A. Waaqayyoodhaaf sirrii kan ta'ee fi sirrii kan hin taane deebii kennu kan irratti hunda'ee beekumsa irratti. Beekumsa xinnoo kan qabu, deebii xinnoo qaba. Faallaan isaa immoo dhugaa dha
B. Waaqayyoon beekuun karaa hundee qabeessa lama dhufa
   1. Uumama (Faarfannaa 19, Roomee 1-2)
   2. Sagallee isaa (Faarfannaa 19:119 wangeela)
C. Raga Kakuu Moofaa
   1. Badhaasawwaan
      a. Seera uumama 15:1 (yeroo baay'ee kan wajjin adeemu badhaasa biyya lafaa wajjin, lafii fi ijoolleen dhiiraa)
      b. Seera keessa deebii 27-28 (kakuudhaa aboomamuun eebba fida)
      c. Daani'eel 12:3
   2. Adaba
      a. Keessaa deebii 27-28 (kakuu aboomamuu dhiisuun abarsaa fida)
   3. Kan Kakuu Moofaa dameen badhaasaa kan dhuunfaa, tolli kakuu fooya'eera, sababa cubbuu namaatiif. Fooya'iinsi kun Iyoobii fi Faarfaannaa 73 irratti in mul'ata, Kakuu Haaraan xiiyaafannoo isaa biyya lafa kana irraa gara itti fufuutti naanneeseera (lallaba gaaraa Maati 5:7).
D. Ragaa Kakuu Haaraa
   1. Badhaasawwaan (fayyina irraa yoo deebii'ee)
      a. Maariqoos 9:41
      b. Maatihos 5:12, 46, 6:1-4, 5-6, 6-18, 10:41-42, 16:27, 25:14-23
      c. Luqaas 6:23, 35, 19:11-19, 25-26
   2. Adaba
      a. Maariqoos 12:38-40
      b. Luqaas 10:12, 12:47-48, 19:20-24, 20:47
      c. Maatihos 5:22, 29, 30, 7:19, 5:15, 28, 11:22-24, 13:49-50, 18:6, 25:14-30
      d. Yaaqoob 3:1
E. Anaafi fakkii kan kennu kan danda'uu Opeeraa irraati. Baacoo Opeeraa irratti argamee hin beeku, kanaafis gaargaaruu hin danda'u. Rakkisummaa isaatii fi mariyaa isaa, qooqa isaa fi dhiichisa isaa caalaatti amman hubadhu, qophee isaa caalaatti nan ajaa'ibsiifa dha. Mootummaa Waaqaatti xoofoon keenya akka guutuu nan amana, haa ta'uu malee tajaajillii keenya biyya lafaa hanga xoofichaa waan murteessuu natti fakkaata.

   Waan ta'eef, beekumsafi deebii waa'ee beekumsa sanaa bu'aan isaa badhaasaa fi adaba (Mat 16:7, 1 Qor 3:8, 14 9:17,18 Gal6:7,2 Xim 4:14). Geggessuun Afuraa jira- kan facaafne hamna! Namooti tokko tokko baay'ee facaasuu kanaafi baay'ee haamuu (Maati 13:8, 23).
F. "Gonfoo tolaa" kan keenya, hojiin Yesus Kristoosiin raawwatamee (2 Ximoo 4:8), haa ta'uu malee "gonfoo jireenyaa" kan inni ittiin wal qabatuu rakkina keessatti kan cimanii dha (Yaaqoob 1:12, Mul'ata 2:10, 3:10-11). "Gonfoo ulfinaa" geggeesitoota kiristaanaatiif, tooftaa jireenya isaanii wajjin kan wal

qabatee, (1 Phexi 5:1-4). Phaawulosi gonfoo hin badne akka qabu beekeera, garuu cimaa kan ta'ee mataa isaa to'achuu shaakaleera (1 Qoro 9:24-27).

Dhoksaan jireenya kiristaanaa, wangeellii guutuu guutuutti bilisaa fi , hojii Kristoosiin raawwatamee ta'uu isaati, haa ta'uu malee Kristoosiin kan ta'ee kennaa Waaqayyootiif deebii akka laanuu hundumaa nuyis dirqamatti jireenya kiristaanaatii fi aboo Waaqayyootii fi deebii kennuutu nurra jiraata. Jireenyi kiristaanaa uumamaa oli, kan akka fayyinaa, ta'uus nuyi dirqamatti fudhachuu fi qabachuutuu nurra jiraata. Bilisi garuu hundumtuu gatiin kan itti baafamee Ayaa'oo (Paraadoos) kan badhaasaa fi kan facaasuu/haamuu dhoksaa dha.

Hojii gaariidhaan hin fayyine garuu waa'ee hojii gaarii (Efeson 2:8-10). Hojii gaariin akka isa arganne ragaadha (Maati 7). Hojiin namaa naannoo fayyinaatti gara badiisaatti geggeesu, jireenyi gaariin, innis fayyina keessa kan made garuu in badhaafama.

**9:27 "Foon koo of qabaa"** jechi kun, of qabuu, akka jirutti kan inni argisiisuu fuula rukkutamuu dha ija jala. Innis dubbii haalaatiin Luqaas 18:15 irratti fayyadama irra oolera.

Phaawulos jireenya Kiristaanaa waa'ee mataa ofii bichisiisuu ejjeennoo cimaa qaba ture. Fooni hamaa mitii, haa ta'uu malee inni dirree qorumsaati. Amantootni fooni/qaama kan hin to'annee yoo ta'an, inni isaan to'ata (Roomee 8:1-11). Kun salphaadhaa fi mo'icha yeroo tokkoo qofa miti, haa ta'uu malee figiicha yeroo dheeraa (maaratooni dha) dhimma Kristoosii fi mataa ofii qabuun of bituu fi mataa ofii bituu ija hafuuraa kan ta'ee isa dhummaa waan gaarii dha Galaatiyaa 5:23.

"Fooni" jechi jedhuu, (*sōma*) kan argisiisuu guutummaa qaama Phaawulos. Innis ijoollee namaa irraa kallatti sadii isa kan tokkoo miti. Inni yeroo hundumaa kan dhaabaatuu nama hundumaatiif (7:4, 13:3, Room 12:2, Filliphus 1:20). Macaafni qulqulluun ijoollee namaa kan inni dhi'eessuu tokkummaa isaatiin (Uumama 2:7), akka lamaa yookaan akka saditti utuu in ta'iin (cf. George E. Ladd, A Thiology of the New Testament (xin-waaqummaa Kakuu Haaraa) fuula 464-466. Qabsiisa guutuu 7:34 irra ilaali.

▣

**NASB, NKJV "Kanaafis… ofi kootii gahaa ta'uu akka hin dadhabne"**
**NRSV "Ani mataan koo kanan gahee akkan ta'uu hin dadhabne"**
**TEV "Mataa koo gahaa ta'uu dadhabuu irraa eeguu"**
**NJB "Ani mataan koo tarii gahaa kan in taanee yoon ta'es"**

Jechii kuni "gahaa kan hin taanee" dubbii haalaati, tapha seera atileetootaa cabsuu wajjin kan wal qabatee, akkasumas dorgommii kan mo'atuu ta'a (1 Xiimo 6:12, 2 Ximoo 4:7). Innis "qoramuu"kan jedhuu jalatti, ilaalcha tolaa ta'uu (jechuun, *dokimazō*i), haa ta'uu malee ka'umsi isaa hawwii kan ta'ee, innis (2 Qoro 13:5) kan faalleesu.

Kuni fayinna Phaawulos hin argisiisuu (ammam illee bifa kanaan 2 Ximoo 3:8fayyadama irra yoo oolee iyyuu), ammam illee keewati duraa (lakk. 19:23) yoo fakkaates. Kunnis kan Phaawulos hundee amantii kan biraa baay'ee keewatoota kan jeequu ta'a, keessumatti Roomee fi Galaatiyaatti. Inni keewata kana keessatti ibsuu kan yaaluu, mataa isaa soda of leenjisuu dhadabuuti. Dubbachuun labsii wangeele fudhatama utuu hin argatiin akka hin hafne. Kakuu Haaraan baay'ee gaha kan hin taanee akka jiran galmeesseera (1 Qoro 15:12, 1 Ximootihos 1:20, 2 Xiimoo 4:10). Phaawulos warra jijjiramaniif waldaa kiristaanaa irraa ija wangeelaati.

Dargagoota dhiiraa tapha Girikiitii fi waa'ee shakalchiisuutiif kan heeramee (1)Ars Poetica, 412 fi (2)Ad Martyres, 3 irratti. Innis kan ji'a kudhanii shaakala jajjabina qaamaa, nyaataa fi hawaasicha keessaa adda ba'udhaa fi yaalamu gaafata. Ammas kan biraan karaan sirri ta'ee jira, barreefama kana ilaaluuf (Hard Sayings of the Bible, (jechama cimaa Macaafa qulqulluu) by Kaiser, Davids, Biruce, Brunch):

> "Barrefama kana keessatti barreessan Kakuu Moofaatti madaalli guutumaatti argamu dhabeera. Barreesitootni Kakuu Haaraa kan barreesan shaakala ayyaana Waaqayyootiin, akkasumas gara kuteenya cimaadhaan Waaqa irra kan jiru dhaala guddaa argachuudhaaf karaa irra ta'uu isanitti. Yeroo wal fakkaataatti, barreessaa kan turan wal dhiibanitti, jechuun isaanis ta'ee dubbistooti isaani amantii isaani akka hin ganeef duraan dursani kan qaban akka hin dhabne. Namootii Kristoosiin hagaa hordofanitti achi irraas barreesitootni kakuu haara abdii tokko illee mul'isuu hin danda'an, namooti akkanaa qalbi jijjiiranaa malee gara mootummaa Waaqayyootti akka galaniif. Kun dhugaadha, soda kan uumuu utuu in ta'in, Phaawulosiin falmii falleessuu argama, (1 Qoro 9:27, Galaatiyaa 5:7-10, Filli 3:12, 2 Xiimoo 4:7

irratti al tokko tokkoo faalla mataa isaatiin jiruu ibsa, akkasumas kan biraaf kan qabu itti dhaga'amuu isaa ibsa), Yaaqoob (Yaaqoob 5:20 kaayyoon xalichaa fayyisuuf [cubbamaa, jechuun gara biyya lafaatti amanaa deebi'ee], du'aa irraa), Yihudaa (Yihudaa 23) fi Yohannis (1Yohanni 5:16-17, KJV (KJV), cimsa namootaaf waa'ee kadhachuutti 'du'aaf kan ga'uu cubbuu' raawwachuu isaani dura). Dubbistooti ammayyaa waamicha godahniin of eegachisaa fi xiyaafannoo akka itti laatuu dha, akkasumas 'amantiidhaa fi obsaani, kan kennameefi sagallee abdii kan isaan dhaalan hin amanan –fayyinni wantoota inni hiri'oomfatu'" (fuulaa 683).

## Gaafillee maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Boqonnaan sagal boqonnaa sadeetti wajjin akkamitti wali wajjin deema?
2. Lallabaan waldaa kiristaanaa irraa gargaarsa fudhachuun sirri dhaa? Yoo ta'ees Phaawulos waldaan kiristaanaa akka isa gargaartuuf maaliif tole hin jenne?
3. Phaawulos garee adda addaa wajjin bifa adda addaatiin maaliif deddeebi'ee kunnis maaliif fakkeesituu isa hin jechisiifne?
4. Lakk. 24-27 irratti dubbiin haalaa atileetksii cimsi itti laatameera. Dubbiin haalaa kunni nuyi jireenya kiristaanaa keessatti akkamitti raawwata?

# I Qorontos 10

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| | | | | Nyaata waaqa tolfamaadhaa dhiyaatte<br><br>(8:1-11:1) |
| Akeekkachiisa waaqeffannaa waaqa tolfamaa | Fakkeenyaalee Kakuu Koofaa | Ofjajajuu irratti akeekkachiisa | Akeekkachiisa waaqa tolfamaa irratti | Seenaa Israa'elotaa akeekkachiisaa fi barumsa |
| 10:1-13 | 10:1-13 | 10:1-5<br>10:6-13 | 10:1-5<br>10:6-10<br>10:11<br>10:12-13 | 10:1-13 |
| | Waaqatolfamaa waaqeffachuu irraa fagaadhaa | Gochaa deebi'anii waaqatolfamaadhaa qaluu<br>10:14-22 | | qalma waaqa tolfamaaf dhiyaate irratti haaffeeraan namaa dhiyatuuf maal goonu |
| 10:14-22 | 10:14-22 | | 10:14-17<br>10:18-22 | 10:14-22 |
| Hundumaa ulfina Waaqayyootiif taasisaa<br><br>10:23-11:1 | Hundumaa ulfina Waaqayyootiif<br>10:23-11:1 | Qajeeelfamaa namoota kaanii fi kan qabnu itti gaafatamummaa fi bilisummaa keenya<br>10:23-30 | 10:23-24<br><br>10:25-26<br><br>10:27-29ሀ<br><br>10:29ለ-30<br><br>10:31-11:1 | Nyaata waaqa tolfamaadhaaf dhiyaate hiika hoojirra oolan<br>10:23-11:1 |
| | | 10:31-11:1 | | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Qabiyyee barreefama Qoro 10:1-11:1

A. Boqonnaan sadeetti amma kudhanii irra caalaa kan inni wajjin adeemu birmadummaa kiristaanaa faallaa isaa dirqama jaalala kiristaanaa wajjin madaali eeguudhaaf yaalii waan godhaniif. Phaawulos isa jabaadhaa fi seera cimaa irratti in xiyaafanne, haa ta'uu malee walitti dhufeenya wali wajjin qabun innis amantoota kan jabeessuu fi amantoota kan biroo gara Yesusitti fiduu irratti.

B. Ibsa Phaawulos waa'ee irbaata gooftaa irratti, lakk.14-22 itti fufuudhaan, 11:17-34 dubbii ibsa jiruutiif (gaadisa) dha.

C. Phaawulos "dadhabaa" amantoota lakk.14-22 irratti, "warra jaboo" akkasuma immoo lakk.22-33 irratti akka dubbate fudhachuun in danda'ama. Qinda'umni isaa akkas yoo taanee, inni tokkoo aja'ibsifachuu danda'a, isaan keeyati lamaan kun wali wali isaanii faalleessuu dhiisuun isaani lakk.14-22 aarsaa nyaata in nyaatinaa lakk.23-33 gaaffii kaasaa yoo ta'ee nyaadhaa. Inni jalqabaa kan argisiisuu nyaata uummataati, mana waaqa tolfamaatti, akkasumas inni lama nyaata dhuunfaan manatti.

D. Kan qinda'uma macaafa qulqulluu sazayitii, ergaan Phaawulos inni jalqabaa gara Qorontositti yaadannoo kitaabaa, *Handbook on Paul's First Letter to the Corinthians*, Ellimgworth fi Hotton yaada ijoo ajaa'ibsiisaa baafata qaba lakk.1-18. "Qinda'umni wali galaa akka itti fufee jiruu dha

I. Seensa- lakk.1 a.
II. Bifa sirri ta'een
   A. Fakkeenya hin faalleesine afuriin Kakuu Moofaa irraa – lakk. 1b-lakk. 4a- fakkeenya isa dhummaa lakk.4 ba irratti babalata.
   B. Guduunfaan isaa bifa in faallesine irraa fakkeenyatu ba'a –lakk.5.
   C. Akkaataan raawwii dubbistootaa –lakk. 6a.
III. Bifa alta'aa
   A. Alta'aa shani fakkeenya kakuu moofa- lakk. 6b-10tti.
   B. Raawwii dubbistootaa fi – lakk.11;13

Jechi hundumtuu jedhuu lakk.1-4 irratti ala shani irra deddeebi'eera, cimsa guddaa kan itti laatuu, dhugaan kunni sabni Israa'eel hundumtuu eegumsa Waaqayyoo fi eebbaa isaa hirmaataniiruu, seera Ba'uutii fi baroota itti fufee jirutti lafa gammoojjii keessa jooruu isaani. Kan falleessaan hundumtuu baay'ee isaani wajji lakk. 5 irratti akkasumas tokko tokkoo, innis yeroo afur lakk.7-10 irratti deddeebi'eera (fuula 214).

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

### I Qorontos 10:1-5

**[1]Yaa obboloota ko! Abboonni keenya hundinuu, [utubaa] duumessaa sana jala akka turan, hundumti isaaniis galaanicha akka ce'an akka beektan nan barbaada*. [2]Hundumti isaaniis kan Musee ta'uudhaaf duumessichaa fi galaanicha keessatti cuuphamaniiru, 3hundumti isaaniis nyaata hafuuraa isa tokkicha sana nyaataniiru*, [4]hundumti isaanii dhugaatii hafuuraa isa tokkicha sana dhuganiiru; isaan kattaa hafuuraa isa guddicha, isa isaanii wajjin adeemaa turettii dhuganiiru; kattaan guddichi sun immoo Kristos ture*. [5]Haa ta'uu iyyuu malee, Waaqayyo isaan keessaa namoota baay'eetti waan hin gammadiniif, lafa duwwaatti in gataman*.**

**10:1 "Yaa obboloota koo, kan ofi hin eegannee akka taataniif in barbaadu"** gaaleen kun tooftaa barreefamaatiin Phaawuloosiin yeroo baay'ee fayyadama irra ooleera, guudumnfaa isaa beeksiisuudhaaf (Room 1:13, 11:25, 1 Qoro 10:1, 12:1, 2 Qoro 1:8, 1 Tessoo 4:13).

▣ **"Abboota keenya"** kun kan callaqisiisuu (1)Waldaa kiristaanaa keessa kan jiruu amantaa Yihudootaa yookaan (2)Sabni Kakuu Moofaa muka uumama ejersaa, Israa'eli wajjin kan wal qabatan (Room 10, Galaatiyaa 6:16), akkasumas amma Kristoosiin tokkoo kan ta'aan (Efeson 2:11-3:13)

▣ **"Hundumtuu…hundumtuu"** kun jecha haamatu (jechuun, *pantes*) faayida irra kan oole lakk.1 irratti yeroo lamaa fi lakk. 2, 3 fi 4 irratti yeroo tokko. Innis kan Israa'elootaa cimsa tokkummaa karaa kennu dha, ayyaana fi murtoo Waaqayyoo shaakalu irraa kan ka'ee, innis kan lafa onaa kan jooruu yeroo ta'uu (jechuun Seera Lakkoofsaa).

▣ **“Duumessa”** kunni kan inni argisiisu kan adda ta’ee kan Yaahiwwee fakkeenya argamuu isaati. Innis barsisootaan *shekinah* jedhamee beekama, duumessa ulfinaa (Ba’uu 13:21-22, 14:19). Jechii Ibirootaa *shekinah* hiiki isaa “wajjin buluu dha.” Yaahiwween saba isaa wajjin ture, yeroo murtoo kanatti, kana kan fakkaatuu hiruyaa dhi’oo fi karoota kunuunsuu, barsisootis kana kan yeroo “misirummaa” Waaqayyoo fi Israa’eloota giddutti jechuun in waamu.

▣ **“Hundumtuu galaana gidduu darban”** kun kan ibsuu dha, Yaahiwween kan itti kaffalamee dha, diimaan (hiikii isaa “shempboqoo” yookaan “aramaa”) galaanaa dha. Haraa beektootni sirritti kan beekaan miti, kun kan inni callaqisiisu isa kamtuu qaama bishaan adda ta’ee akka ta’e. Jechi wal fakkaaata ta’ee *yam suph* Kakuu Moofaatti faayidaa irraa oole kan argisiisuu (1) Daarii galaana Aqabaa (Ba’uu 21:4, Keessa deebii 2:1, 1 Mootota 9:26, Ermi 49:21) yookaan (2) kan Garba Hindii. Walummaa galatti inni kan inni argisiisuu karaa kaaba kan jiran ta’iiwwaan icitti ta’aani dha. Ajaa’ibsiisaa kan ta’an “bishaan” uumama 1 Waaqayyoon akka uumame kan jedhamee dubbiin hin jiru. Mesopotamiyaan yeroo hundumaa kan uumamaa seenefamoota, waa’ee bishaanii in dubbatu (jechuun, ashaboo fi qulqulluu) badiisa namaa kan hawwan ergamoota hamoo. Yaahiwween saba isaa qilleensa dha’aa bishaanii fi qaani irraa in eega

## Mata duree addaa: Galaana Diimaa

I. Maqaa
- A. Akka Macaafa irraatti *Yam Suph* dha.
  1. “Aramaa galaanaa” yookaan “shomboqoo galaanaa” (hundee Gibxii)
  2. “Daarii galaanaa (kan lafaa)” (hundee kan Seemi)
- B. Kun argisiisuu kan danda’uu
  1. Bishaan soogidaa, 1 Mootota 9:26 (Gulf of Aqaba);Yoonaas 2:5 (Garba Meedetiriyaniyaan).
  2. Bishaan qulqulluu, Ba’uu 2:3, Isaa 19:26,
- C. Saptuwajeentii hiika jalqabaati “galaana diimaa” jedhee waamuudhaaf. Isaa hiiki kun walitti firoomsuu kan isaan yaalaan Eedom irraa (diimaa) galaana wajjin. Kan adda godhuu kun Volgeeti Laateniin itti fufeera, akkasumas booda irratti Kingi Jamsii hiikaa Ingillii.

II. Bakki isaa
- A. Maqaa kanaan kan waamaman qaamii bishaanii baay’een jiru.
  1. Qaama bishaan dhiphaa Gibxiidhaa fi garba galoo garba Siinaa gidduutti, maayilsi 190 kan ta’uu dheerina kan qabuu (daarii garba Siiwizi)
  2. Galoo garba Siinaa fi Arabaa gidduutti qaama bishaanii jiru, maayilsii 112 kan ta’uu dheerina kana qabu (daarii garba Aqaabaa)
- B. Innis wal qabachuu kan danda’uu caffee dhiphaa Baha Kaabaa bakka laaqii ciisaa Abay, gara Taaniis, Zohaan, Avaariis, Raamsees kan itti dhi’aatuu, kunnis gara Kibba daarii garba Meezeeli (bakka caffee).
- C. Innis dubbii haalaa gara kibbatti yeroo jedhuu kan jiru bishaan dhoksaa fayyadama irra oolee ta’a, yeroo hundumaa galanichaafi dhumma fayyadama irra kan oolee (lafa gogichaaf). Kana jechuun inni argisiisuu kan danda’uu
  1. Garba diimaa kan ammayyaa (daarii garba Siwiizi yookaan daarii garba Akaabaa, 1Moototaa 9:26
  2. Garba Hindii (Herodutus 1.180)
  3. Daarii garba Faariis (Joseefas, Antiik.1.7.3.)

III. *Suph* seera Lakkofsa 33
- A. Seera Lakk.33:8 qaama bishaanii innis dinqiidhaan kan hiramee SUPH jedhama.
- B. Seera lakk.33:10, 11 Israa’eloonni akka buufataniif kan jedhamee dha YAM SUPH.
- C. Qaama bishaani lamatuu jira
  1. Inni jalqabaa galaana diimaa miti (daarii garbaa Siwiizii)
  2. Inni lama tarii garba diimaa dha (daarii garba Siwiizii)
- D. *Suph* jechii jedhuu Kakuu Moofaatti fayyadama irra kan oolu kara sadiin
  1. Yaahiwweedhaan kan hiramee qaama bishaanii Isiraa’elonni akka darban godhamuufi, garuu loltonni Gibxii akka liqimfaman.
  2. Kan galaana diimaa daarii Kaabaa lixaa (daarii garba Siwiiz)
  3. Kan garba diimaa daarii Kaaabaa Bahaa (daarii garba Akaabaa)
- E. *Yam suph* “garba shomboqoo” ta’uu dhiisuu danda’a, sababi isaa

1. Galaana diimaa (bishaan ashaboo) shomboqoon tokko illee (Papiriis) in ture/hin jiruu
2. Hundeen jecha Gibxii itti yaaduun kan heeru lafa gogaadha, garba utuu hin ta'in,

F. *Suph* hundeen kan Seemi "dhumma" kan dhufee ta'a, kanaafis inni kan argisiisuu gara Kibbatti jechuun kan inni jedhuu dhoksaa Bernard F. Batts, "Red Sea or Reed Sea? What *Yam Suph* Really Means" in *Approaches to the Bible*,maxansa 1 fuula 291-304) ilaali.

**10:2 "Museedhaan cuuphaman"** barreefamni Girikootaa sagallee hojii irra oolchuutiin adda addaa ta'u (jechuun, MSS a, A, C, D) akkasumas sagallee giddu galleessaa (jechuun, MS B). Ani kan natti fakkaatu sagallee giddu galleessa akka qabiyyee barreefama isaa irraa sirri akka ta'ee dha, Israa'elonni fedha isaanittiin Musee hordofuudhaaf yeroo murteesan, akkasumas dhugaan seenaa kan ta'ee jijjiiramni cuuphaa Yihudoota ofin kan adeemsifamu ture. Kunni gaalee hin baratamiin yeroo ta'uu, kan inni argamus Kakuu Haaraa kana irratti qofa. Innis kan argisiisuu wal bukkeedhaan, itti gaafatamummaadhaa fi caaromuu gidduu, kakuu Museetii fi kakuu keenya, Kristoosiin, lamanuu Waaqayyo irraati, bifa tokko tokoonis wal fakkaataa dha. Asi irratti cuuphaan fayyadama irra kan oolee akka fakkeenyaatti duukaa bu'aa kan ta'e.

Aadaan barsiisoota jira, gara Hililittii deebi'ee kan deemuu (b ker 9a;byeb 46a) innis jijjiramuu irraa cuuphaa wajjin kan adeemuu, garba diimaa wajjin. Richard N.Longenesker, Biblical ExeJesis in The Apostolic Period, (hiika Macaafa Qulqulluu yeroo ergamootaati) fuula 102-103.

**10:3 "Nyaata hafuuraa"** kun kan argisiisuu laman isaa, mannaa (Ba'uu 16) fi Dimbiriqee (Seera Ba'uu 16:13, Seera Lakkobsaa 11:31-32), innis kan Waaqayyoo kennaa umamaa olii kan ta'eedha, lafa onaatti yeroon bujunjuru.

**10:4 "isa tokko dhugatii afuuraa"** kun kan agarsisu bishaan diqiin laatameedha (Seera Ba'uu 17:6, Seera Lakk 20:8).

▣ **"isaan kattaa afuurraa irraa dhuganiiru"** kattaan maqaa Yaahiwweeti, Kakuu Moofaatii innis cimsaa kan laatu cimina isaatif jabaatee jiraachu isaa (Keessa deebii 32:4, 15, Faarfannaa 18:2, 19:14). Innis immoo mo'uu Masihii akka humna balleessutti (Daani'eel 2:45).

▣ **"Hordofaa kan ture"** kun kan argisiisuu seena afaanii barsiisootaatti, Ba'uu 17:6 fi Seera lakk. 20:11 irratti hundaa'uudhaan, innis Isiraa'eloonni hordofaa kan turan kattaan, innis Masihii dha. Aadaan kun adda ba'ee Qurana irratti heerameera.

▣ **"Kattaan sunnis Kristoos ture"** kun ramaddii barsiisootaati (kattichii nama ta'uu isaan kan dhufee Seera lakk.21:17 yookaan Keessa deebii 32:4, 15, 18, 30 Targum Onkilos Seera lakk. 21).Waaqayyo bishaan jireenya laatuu lafa onaatti yeroo dheebbuu isaanitti isaaniif kenneera. Phaawulos Masihii ilaaleera, kennuu Waaqayyoo gidduutii fi isa booda Waaqayyo jireenya kennuu isaatti. Barumsi Waaqayyummaa Phaawulos Kristoosiin kan ilaalatuu akka dursa turee fi akka bakka bu'aa Waaqayyooti, jireenyaa fi eebbaaf. Yesus yeroo hundumaa kennaa guutuu Waaqayyoo abbaati, akkasumas eebbi guddan.

**10:5 "Kan ta'ees ta'ee"** jechii Girikii kun *alla,* dha, innis faallaa cimaa kan argisiisuu. Qabiyyeen barreefamaa, D ilaali.

▣ **"Waaqayyoo baay'ee isaanitti in gammane"** kun xiiyaafannoo kan kennu keeyata, dhaloota sana irraa hundumtuu du'aniiruu lamaan irraa kan hafe. Umurii waggaa digdamaa gadii kan ta'an qofa (jechuu, loltummaa keessatti ta'uudhaaf umuriin isaanii ganaa kan ta'ee) fi Iyaasuu fi Kaaleeb (jechuun, basaastuun lamaan qajeelaa kan ta'ee oduu amantii kan fidan) gara biyyatti abditti kan galan (Yihudaa lakk.5).

▣ **"Lafa onaatti kufaniruu hoo"** jechii kun kan argisiisuu lafeen isaanii karaa lafa onaa irratti tatamsa'uu isaati (seera Lakk.14:16). Isaan saba filatamoo Waaqayyoo turan, haa ta'uu malee amanuu dhiisuun isaanii isaan adabe. Isaan amantootni Kakuu Moofaa kennaa dinqii Waaqayyoo arganiiru. Isaanis fedha isaatiif Waaqayyoo geggeesitoota kennee beekaniiru (jechuun, Musee, Haroon, Maarihaam) isaan garuu amanuu dhiisuudhaaf hameenyaan amma iyyuu deddeebi'aa turan (Ibiroota 3-4).

Phaawulos kan argisiisuu matumma isaatiin yaalii cimaadha, mataa isaa bituudhaaf (9:24-27). Boqonnaa 11 irratti inni kan heeruu beekumsa barumsaa Waaqayyummaa tooftaa jireenya gaarii irraa adda baasuu kan yaalaanii dha (jechuun, Ginostikiis) fi beektooti kan biroon. Kan baratamee nyaati tokkummaa illee (jechuun,

hafeeraan *agape* ) amantoota gaarii hin taaneen nyaatamuu hin danda'u (11:27-32). Du'ii foonii kan yeroo ta'uu danda'a, murtiin Waaqayyummaa amantoota in aboomamne irratti godhama.

## I Qorontos 10:6-13

**6Wanti kun hundinuu immoo, nus akkuma isaan sanaa waan hamaa akka hin hawwineef of nu eeggachiisu*.7Isaan keessaa kaan waaqayyoolii tolfamaniif akka sagadan, isin warra waaqayyolii tolfaman waaqessan hin ta'inaa! Akkuma caafame, "Jarri gar-malee nyaachuu fi dhuguuf taa'aanii, gar-malee sirbuuf immoo ka'an" jedhe*. 8Isaan keessaa kaan gaalamootummaatti gad of dhiisanii, guyyaa tokkotti namoonni kumni digdamii sadii akka dhuman, kottaa nu immoo gaalamootummaatti gad of hin dhiifnuu*! 9Isaan keessaa kaan aangoo gooftichaa qoranii, bofni akka isaan balleesse, nu immoo aangoo gooftichaa qoruun nuuf hin ta'u*. 10Isaan keessaa kaan guungumanii, ergamaa isa nama balleessuun akka balleeffaman, isinis hin guunguminaa*! 11Wanti kun hundunuu warra kaan qoqqobachuudhaaf isaanitti dhufe, nuyi warra dhumni barichaa irra ga'eef immoo barumsa akka nuuf ta'uuf caafame*. 12Kanaafis namni dhaabatee waan jiruu itti fakkaatu, akka hin kufneef of haa eeggatu*! 13Qoramni namatti dhufee hin beekne isinitti hin dhufne. Waaqayyo amanamaa waan ta'eefis, humna keessan gararraatti akka isin qoramtaniif isin hin dhiisu, garuu qorama sana keessatti akka isin dandeessan isin godha, karaa isin keessaa baataanis isiniif in kenna*.**

**10:6 "Amma"** NRSV, TEV, fi JB akkasumas ramaddi keeyatichaa tuqaa kanaan mallattoo godheera, kan seenaatiin wal fakkaate gara amma hojii irra oolutti.

▣ **"Isaan kun hundumtuu nuyiif akka fakkeenyaa nuu ta'an"** jechii Girikii *tupoi,* "fakkeenyawwaan" (kan qeenxee *tupos,*) hiika bal'aa qabu. Kun rukuttaa booda milikita turee dha. Kun kan argisiisuu reebicha qaamaati (Maat 24:49, 27:30) yookaan jecha haalaa isaaf ta'ee (1 Qoro 8:12). Innis fayyadama irra kan oolee rukkutaa gaduummi boodaa millikita dhi'aatee dha (Yoha 20:25). Millikitti kun argisisuu kan danda'uu kan qaamaa fakkii dha- waaqa tolfamaa (Hoj.erg 7:43) yookaan kan chaappeefamee fakkii (Hoj.erg 23:25, Room 6:17). As irraa dhaabachuu kan danda'uu abbaan murtii (Hoji erg 7:44, Filli 3:17, 1 Teso 1:7, 2 Teso 3:5, 1 Ximoo 4:12, Ibir 8:5, 1 Pheexi 5:3).

Kan wayyan wal cina jecha kanaaf fayyadama barreefama kanaaf kan ta'uu (jechuun, "gosa" 1 Qoro 10:6) 1 10:11 fi Room 5:14 , innis kan argisiisuu, (1) gosa dubbii (gaaddisaa), (2) dubbii haalaa wal dorgomsiisuu, yookaan (3) kan wal fakkeessuu fakkeenya.

Lakk. 6 fi 11 amantootaaa kakuu haarattif kan isaan yaadachisuu, Kakuu Moofaan faayidaa hafuuraa isaaniif akka qabuudha (Rom 4:23-24, 15:4, 1 Qoro 9:10, 10:6, 11). Mul'atii Waaqayyoo kan bara baraatti geggeessaan isaas faayidaan isaa.

▣ **"Kanaafis nuyii wanta hamaa akka in hawwineee fi, isaan wanta hamaa akka hawwan"** Phaawulos kan Kakuu Moofaa uummataa fi saba Kakuu Haaraa wal dorgomsiisaa akka jiru hubadhu. Hamaan rakkina irra deddeebi'u dha. Innis kan namootaa jireenya bara baraa in saama Waaqayyoodhaa wajjin kan jiruu tokkummaa firooma. Hamaan sadarkaa kamitti illee kan jiru mucaa namaa jireenya isaa balleessa. Fayyinnii wal'aansicha irraa bilisa nu godha (Rom 7, Efe 6:10-19). Waldaan kiristaanaa Qorontos bal'aa iraa turtee, naannoo lamaanuutuu kallattiidhaa fi Ortipiraakisiin! Waaqayyoon fakkachuun raga miti, galma!

"Hawwuu" jechii jedhuu (lamata hojii irra kan oolee) isa cimaa jecha Girikii wal makaa *epithumeō,* callaqisiisa, walinga keessaa "irra keessaa" fi "arifachuu" kan qindaa'ee kunnis kan argisiisuu miiraa cimaa yookiin kan miiraa yaadaa namaa fi laphee yeroo fudhatuu fi bituu dha. Innis fayyadama irra ooluu kan danda'uu bifa sirri ta'eeni dha, akka Filliph 1:23, haa ta'uu malee yeroo hundumaa fayyadama irra kan ooluu bifa alta'aadhaan ([2] Ximoo 2:22). Phaawulos tarii kan inni callaqisiisuu miira cimaa fi aboomamu diduu dha, Isra'eelotaaf kan galmaa'ee Seera lakkoofsa 11:31-35 sababii isaa inni Seera lakk. 25:9 lakk.8 fi Seera Lakka. 16:4-5, 17:5, 10, lakk. 10 heeruu isaatiin.

**10:7 "waaqa tolfamaa kan waaqesitan in ta'inaa"** kun kan ammaa kan giddu galleessaati (bukeedhaan) xiyaafata keeyata al ta'aa wajjin, innis yeroo hundumaa gocha deemsa irra jiruu dhaabuu dha. Kunni luqisiin Kakuu Moofaa kan inni argisiisuu ejjaa fi machii kan qabuu waaqa tolfamaa waaaqessuu dha Ba'uu 32.

Sirrittii shaakala waaqa tolfamaa waaqeessuu, Phaawullos Qorontositti kan inni heeree beekamaa miti. Tarii amantootni Waaqayyon gadisiisuudhaaf bal'aa irra ta'u ta'a. boqonnaa 7 fi akka haalaa seenaa Qorontositti inni waaqa tolfamaa ejjaa shaakala waaqeeffannaa ta'uu danda'a yookaan boqonnaa 8 irraa aarsaa waaqa tolfamaa waaqessan.

▣ **"Uummatichis nyaachuu fi dhuguutti ta'aan, sirbuufiis ka'aan"** kun Aroon kan hojjeete jabbii warqeetti, Srrra Ba'uu 32 kan jiruu waabii dha, akkasumas ijoolleen Israa'eell fuula isaatti hafeerraa godhaniin gocha ejjaa godhaniiru (Ba'uu 32:6, 19). "Sibuu" kan jedhuu jechii fuula ejjaa bifa wal fakkaataadhaan jecha Ibirootaa Uumama 26:8 fayyadama irra ooleera, Yishaaq Ribqaa dha wajjin yeroo walitti dhufe.

**10:8 "Gocha safuu malleessaa in raawwane"** kun kan argisiisuu waaqeffannaa Qorontos yoomii fi eessaati akkasumas immoo gartokkotti jechuun waaaqa tolfamaa waaqa tolfamaa labsaman dabalateeti. Kan safuu malleessaatiif gadi jechuun maqaa amantiitiin.

▣ **"Guyyaa tokkotti namni kuma digdammi saii kufan"** kun kan heeruu Seera Lakk. 25:1-9tti. Jeequmsa ifa ta'e qaba, asitti fi barreefamni Ibirootaa Seera lakk. 23:9 giddutti, innis kuma digdamii afur kan qabu. Kun dogogoraa galagaltootaa in fakkaatu. Kun wali galuu dhiisuu barreefama Girikii hundumaa keessatti kan jiruu dha. Innis karaa Phaawulosiin dagatamuu ta'uu danda'a. kana jechuun garuu liqimfamuu miti yookaan in amanamuu jechuu miti haa ta'uu malee biyyi lafaa durii kara fayyadama lakkofsaatiin akka uummata warra lixa ammayyaa dhugaa isaa waan in dubbatiniif.

Archer's Encyclopedia of Bible Difficulties, (kan macaafa qulqulluu rakkisoota (kutaa) fuulaa 141, 401, inni kan cimsuu keeyata Kakuu Moofaa innis Phaawulos kan heeree Seera lakk. 25:1-9 ta'uu dhiisuu isaati, garuu seera Ba'uu 32 male. Inni tuqaa gaarii kaasaa kunnis 10:7 kan heeree Ba'uu 32:4 ta'uun isaa, akkasumas Ba'uu 32:35 kan inni heeruu gooftaan saba isaa walummaa galatti kan inni rukkute kuma sadii ol kan ta'an lakk. 38 irratti. Kun dhugummatti ta'uu kan danda'u fillannoo qabiyyee barreefamaatiin.

**10:9 "Akkasumas gooftaa in qoruu"** jechii kun *peirazō* dha *ek* kan jedhuu walingaa wajjin, innis kan inni cimsuu, (Maati 4:7, Luq 4:12, 10:25). Mata duree addaa jecha Girikii qorudhaaf 3:13 rratti ilaali. Waldaan kiristaanaa Qorontos bifa wal fakkaataadhaan in gooti turte, Israa'el lafa onaatti akkuma godhan (Seera lakk. 21:5-6). Waaqayyoo murtii biyya lafaa in fayyadama ture, saba isaa sirreessuuf.

"Gooftaa" jechi jedhuu (NASB, TEV, NJB, fi NIV) barreefamni Girikii durii in argamu a, B, C, P, hiika amerikoota. Inni kan Kakuu Moofaa waabii baay'ee irratti wali gala, Yaahiwweeen Seera lakk. 21 heeruudhaan.

"Kristoos" jechii jedhuu NKJV, NRSV) barreefamooti argaman $P^{46}$, D, F, G, fi Valgeetii fi kan Peeshitaa hiikawwan. Innis kan Phaawulos kan dhi'eenyaatti irratti argaman haala wayyuun simata.

UBS[4] "Kiristoosiin" B "L" sadarkaa yeroo fudhatuu (jechuun, sirritti kan guutamee), falmii cimaa "Gooftaa" dhaaf Bartd. Ehrman *The Orthodox Corruption of Scripture*, (dhandhamni jechichaa baduu isaa) fuula 89-90 in godha.

Mata duree addaa: jecha Girikii "qormaata" fi hiikii isaaniis 3:13 irratti ilaali.

▣ **"Bofaan badaniiruu"** kun seera lakk. 21 kan heeruu waabii dha. Mata duree addaa: *Apollumi* 8:11 irratti ilaali.

**10:10 "Hiikii isaa, tokko tokkoo akka gdhanitti"** gaaleen jalqabaa xiyaafata gocha ammaati keeyata alata'aa, innis yeroo hundumaa hiiii isaa gocha deemsa irra jiru dhaabuu. Kunnis kan heeruu Seera lakk. 16:41-50 ti, innis Seera lakk. 17:5, 10 kan heerame. Waldaan kiristaanaa Qorontos akkuma Israa'el durii in gungumtii turte.

▣ **"Kan balleessu"** waabiin kanaa seera lakkoobsa 16:49 dha'icha jiruu dha. Innis akraa xin-waaqummaa ta'een du'ii harka Yaahiwwee akka jiruu kan argisiisuu dha (Ba'uu 12:23, 29, 2 Saamu'eel 24:16, 1 Seenaa 21:15, Ibiroota 11:28). "Lafeetti kan fakkeefamee du'a" hin jiru ! carraa, carraa, bakki isaa hin jiru! Waaqayyoo jira, Waaqa Israa'eel, abbaa Gooftaa Yesus Kristoos. Isaa fi isa qofa du'aa fi jireenya kan to'aatuu!

**10:11 "Isaaniif"** kun kan argisisuu namoota Kakuu Moofaati turani dha, harka isa balleessuutti kan du'an.

▣ **"Fakkeenya"** lakk. 6 irratti yaadannoo jiruu ilaali. Mata duree addaa: ilaalcha Phaawulos, seera Musee 9:9 irratti ilaali.

▣ **“Barri dhummaa ga’eera”** kun gocha xumuramaa kan argisiisuu dha. Kunnis kan raajamee waa’ee bara haaraa dubbii haalaati, (Ibiroota 9:26 wajjin gaalee wal fakkaataa). Amantootni kan jiraatan mootummaa Waaqayyoo keessa, innis Yesusiin dhufaatti isaa jalqabaa irratti kan eebbifame deebii isaa lamatti kan itti galu. Kan jiraatuu “amma iyyuu dur fi amma iyyuu kan hin taanee” faallaa keessaa!

Mataa duree addaa:barri kuni fi barrii dhufuu 1:20 irratti ilaali.

**10:12 “Kan dhaabatee kan fakkaatuu akka hin kufneetti of haa eegatu”** qoqodonni Qorontos ofitti amananummaa fi baaka jechuun isaani of jajuun rakkoo isa guddaa ture, bifa wal fakkataan ammas akkasuma (Room 11:20, 2 Pheex 3:17) Waaqayyoo dursees gara fuulduraatis saba mataa isaa in adaba (Ermi 25:29, 1 Phaaexi 4:17). Mataa ofii dogogorsuun abaarsa namoota amantiiti! Kiristoositti kan ta’an gocha isaanii tufiidhaan raawwachuudhaan dirqamatti itti fufuuu qabuu (9:24-27)!

**10:13 “Qoramuu”** jechii kun fayyadama irra kan oolee lakk. kana irratti ala sadii, akkasumas hiikii isaa gara baadisaatti kan madaalu karaa qoramuuti (mata duree addaa: 3:13 ilaali). Burqaa karaa qorumsaa sadii Kakuu Moofaa keessa jira.

1. Nama kufee amala cubbuu
2. Qaama hamaa (jechuun, seexanaa fi ginni)
3. Seera biyya lafaa kufee (Efes 2:1-3, Yaaq 4:1, 4, 7).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Wanti akkassii garuu namaan kan baratamee dha”** |
| **NKJV** | **“Wanti kana fakkaatuu namaan kan baratamee dha”** |
| **NRSV** | **“Tokko tokkoof kan baratame miti”** |
| **TEV** | **“Wanti akkanaa akka baratameeti namoota irra kan ga’u dha”** |
| **NJB** | **“Eenyuu iyyuu….. mucaa namaa irra kan caaluu dhaabachuu kan danda’uu”** |

Namooti biroon qorumsa wal fakkaataa ta’ee isaan mudateera, akkuma amantoota Qorontos. Yesusiin immoo qoramsa hundumaa darbeera, mo’eera, isaanis mucaa namaa birratti kan barratamee (Ibiroota 4:15).

▣ **“Waaqayyo amanamaa dha”** kun murteessaa kan ta’ee barreefama ibsuu dha! Amantiin macaafa Qulqulluu amala Waaqayyoo irratti boqota. Abdiin keenya amala isaa ulfina qabeessa, abdiin dhugaa ta’ee gochaa oolchuu.

Amalli Waaqayyoo kun jalqaba kan argamee seera Keessa deebii 7:9 irratti innis Keessaa deebii 5:9-10 kan ibsuu dha. Murtiin Waaqayyoo yeroo keessa adeemuu, dhaloota sadii dhaloota afur, haa ta’uu malee garuummaan isaa (jechuun, kakuun amanamummaa fi jaalal, Hesed) dhaloota kumaaf. Kunni mirkaneefachuu wal fakkaataa Isaa 49:7 irratti itti fufeera.

Kun tuqaa guddaa dha, xalayaa Qorontos irratti (1:9, 10:13, [2] Qoro 1:18, akkasumas 1 Teso 5:24 fi 2 Teso 3:3). Amantootni amanamummaa Waaqayyoo amanuchuutu irra jiraata, kan Waaqayyoo amanaa ta’uu isaa amanachuu. Amantiin Macaafa qulqulluu kun wanta gudaa dha!

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Obsuu akka dandeesaniif qorumsaa wajjin karaa ba’aa immoo isiiniif godha”** |
| **NKJV** | **“Obsuu akka dandeessaniifi qorumsaa wajjin karaa ba’aa immoo isiiniif godha”** |
| **NRSV** | **“Obsuu akka dandeessaniif qorumsaa wajjin karaa ba’aa immoo isiiniif godha”** |
| **TEV** | **“Qoramsa irratti yeroo taatanitti obsuu akka dandeessaniif jabina isiinif laata, karaa ba’aa wajjin”** |
| **NJB** | **“Qorumsa kamiin keessatti karaa ba’iinsaa isiif laataa, obsaan akka turtan isiin dandeesisuudhan”** |

Jechii Giriki kun fauyyadama irra kan ooluu kan marfamee ramaddii loltuu karaa ba’iinsaati. Amantootni qophaa isaanii qorumsaan wallaansoo in qaban.

Barreefama kana keessatti rakkoon jiruu tokkoo” karaa ba’iinsaa isiiniif laata” kan jedhuu “Akka obsuu dandeessaniif” kan jedhuu wajjin akkamitiin akka deemuu dha. Tokko tokkoo karaa ‘ba’umsaa argatuu ta’aa, kan biraan yeroo obsan, yookaan kan Waaqayyoo karaan ba’iinsaa galumsa obsaa ta’aa? Qorumsichii in dhaabaata ta’aa, yookaan amantootni qorumsa giddutti amantidhaan hojjeetu ta’aa? Ammam illee kun wal fakkaachuun isaa salphachuu in danda’u, oduu gaariin Waaqayyoo rakkinicha keessatti nuu wajjin ta’uu isaatti (Faarfannaa 23:4).

Waaqayyoo nuu in dhiisuu yookaan cal nuun hin jedhu. Innis sirriin tooftaan mo'ichaa ifatti in teenye, mo'ichi garuu beekameera.

## I Qorontos 10:14-22

**14Kanaafis yaa michoota ko, waaqayyolii tolfamaniif sagaduu irraa fagaadhaa*! 15Isin warra hubatootto nan dubbadha; waanan dubbadhu immoo isinumti faradaa! 16Xoofoo eebbaa isa eebbifannu irraa hirmaachuun keenya, dhiiga Kristos irraa hirmaachuu keenya mitii ree? Buddeena isa cabsannu irraa hirmachuun keenya, dhagna Kristos irraa hirmaachuu keenya mitii ree*? 17Buddenni tokkichi waan jiruuf , nus immoo hammam yoo baay'anne iyyuu, hundumti keenya buddeena tokkicha sana irraa waan hirmaannuf, nuyi dhagna tokkicha*. 18Mee saba Israa'el ilaalaa! Warri kennaa dhi'aatu sana irraa nyaatan, kennaa iddoo aarsaa irraa Waaqayyoo wajjin hirmaatu miti ree*? 19Egaa kun, qalmi waaqayyolii tolfamaniif dhi'eeffame yookiis Waaqayyo tolfamaan ofuma isaatii waan tokkotti in gala jechuu kootii ree*? 20Waawuu! Warri saba Waaqayyo hin ta'in waan qalmaaf dhi'eessan hafuurota hamootaaf dhi'eessuu malee, Waaqayyoof miti jechuu koo ti; anni immoo akka isin hafuurota hamootaa wajjin hirmaattoota taatan hin barbaadu*.21Xoofoo gooftaa keessaa akkasumas xoofoo hafuurota hamootaa keessaa dhuguu hin dandeessan; maaddii hafuurota hamootaa irraa hirmaachuu hin dandeessan*. 22Nuyii gooftaa hinafsiisuu barbaannaa ree? Nuyi isa caalaa jaboo dhaa ree**

**10:14 "Kanaafis"** Phaawulos ibsa darbee raawwatee gara guduunfaatti itti fufa.

▣

**NASB, NKJV "Yaa firoota koo"**
**NRSV, TEV,**
**NJB "Jaalatamtoota firoota koo"**

Kan Phaawulos xalayaan Qorontos (fi Galaatiyaa) baay'ee cimoo kan ta'an gara waldaa kiristaanaatti jechoota inni barreesee dha. Kanaafis, isaaf akkami kan kabajaman akka ta'an yaadachuu barbaada, ammam illee kan haaree godhee yoo itti himee iyyuu (4:14, 10:14, 15:58, 2 Qoro 7:1, 12:19). Jechi kun fayyadama irra kan ooluu Waaqayyoo dhaan, Yesusi fi (Maati 3:17, 12:18, 17:5). Phaawulos, Pheexiros, Yihudaa fi Yohannis, ergaa isaanii keessatti maxantuu kana fayyadamaniiru, duuka buutuu Yesus waamuudhaaf. Isaan kan jaalatamanii dha, Kristos wajjin walitti dhufeenya qaban irraa kan ka'ee, Waaqayyoon kan jaallatamanii dha, Kristosiin, fi ergaa Kakuu Haaraa barreesitoota.

▣ **"waaqeffannaa waaqa tolfammaa irraa fagaadhaa"** kun gocha ammaa irratti kan xiyaafatuu dha. "waaqa tolfamaa waaqeessuun" keeyata murtaa'ee akka qabu hubadhu. Waaqayyo karaa laata, haa ta'uu malee amantootni carricha fayyadamuudhaaf fillachutuu irra jiraata (6:18). Qoromsa injifachuudhaaf karaan inni tokkoon bakka sanaa baqachuu dha. Amantootni naannoo qorumsaati mataa isaani saaxila of baasuun isaan irraa in eegamu.

"Waaqa tolfamaa waaqeessuun" Kakuu Moofaatti waaqeffannaa waaqa tolfamaa fakkii isaa waaqessutu ture. Bara keenyatti wanti kami iyyuu teessuma duraa duubaan Waaqayyoon kan bakka bu'uudha (10:7, 14). Yesus akka jirutti, galmeen keessaan lafa jiru lapheen keessaan achi ta'a (Maatihos 6:21). Warrii ammayyaa isa duraa kan akkaataa isaan itti ibsan yeroodhaan, horiidhaan, fi jireenya yaadaatiin. Amantiin yeroo hundumaa qaama faayidaa qabuu dha, haa ta'uu malee inni guddaan isa duraa miti. Amantiin inni dhugaan bu'aa irratti hin hundaa'u, didhaa jireenyaa irratti male. 1 Yoha Macaafni kan inni xumuruu "mataa keessaan waaqa tolfamaa irraa eegaa" kan jedhuu dha (1 Yoha 5:21).

**10:5** kun kan argisiisuu waa'ee geggeesummaa Phaawulos dhi'eenya inni qabuu dha. Inni ergamaa Yesus ture haa ta'uu malee amantootni of jajoon kun jecha isaa mataa isaanitiin akka murtii laataan cimsee of eegachiisa ture (14:39-40). Dhugummatti jechuun kan danda'amuu Phaawulosi isaan arabsaa ta'uu isaati. Inni jecha wal fakkaataa kana (jechuun, namoota ogeessoota 4:10 fi 2 Qoro 11:19 irratti bifa cigoodhaan fayyadamuu isaati.

**10:16** lakk.kun kan ijaaramee akka gaafii seenaa lamaatti (ammam illee TEV isa akka agarsiistu labsitti yoo hiikee iyyuu).

▣ **"Xoofoo eebbaa"** kun tarii kan argisiisuu kabaja faasikaa Yihudootaa xoofoo sada dha. Innis Yesus irbaata Gooftaa eebbisuuf fayyadameera.

"Eebba' jechi jedhuu *eulogia* dha, *eulogeō* kan jedhuu jechi, hiiki isaas "galateefachuu" "mararfachuu" "fayyadamuu" dha. 2 Qoro 9:5 irratti yaadannoo jiru ilaali. Jechii ingilli eulogy (gallateefachuu) kan argatee hundee jecha Girikii kana irratti Yesus seera kana yeroo tolchee inni xoofoo lamaanuutiif daabicha fuudhee Waaqayyoof galata dhi'eeseera. Jechi Girikii galataaf yookaan galata dhi'eessuuf *eucharistia*, dha, isa irratti Eucharist (irbaata Gooftaa) jechii jedhuu kan arganne. Isaan jechii Girikii lamaan karaa wal fakkaataniin fayyadama irra oolu 14:16 irratti.

Ajaa'ibsiisaa kan ta'uu haa ta'uu malee haala xin-waaqummaa tiin faayidaa kan hin qabnee, jechuun kan baratamee kan xoofoo fi kan daaboo duraa duubii isa as irratti wal jijjiiruu isaati. Duraa duubii isaa dhimma isaa miti, caalaatti Kristoos wajjin tokkummaa jiru male, isaan nyaata walini faallaa isaa waaqa tolfamaa wajjin nyaata wali wajjin irratti.

## Mata duree addaa: seera tajaajila faasikaa jaarraa tokkoo Yihudummaan

A. Kadhata
B. Xoofoo wayinii
C. Harka isa hafeeruun dhiqachuuni fi isa irratti dhiqatan hundumaaf naanneessuu
D. Haala hadhaa'aa fi mooqa keessa buusuu
E. Ilmoo fi nyaata isa guddaa
F. Kadhataa fi baala hadhaa'aa fi mooqa keessa dabalanii buusuu
G. Xoofoo waynii lamma ijoolleedhaa fi yeroo gaafii fi deebiitti (Ba'uu 12:26-27)
H. Kan Haaleel (haleeluyaa) faarfannaa farfaachuu 113-114 fi kadhata
I. Ayyaana ulfina qabeessa walitti qabaa hundumaaf waabii harka isaa erga dhiqatee booda
J. Hundumtuu amma quufanitti in nyaatu, foon ilmotti in fixuu
K. Xoofoo sada waayini erga harka dhiqatanii booda
L. Kan Haleel (haleeluyaa) faarfannaa faarfachuu 115-118
M. Xoofoo wayni arfa, innis kan mootummaa Waaqayyoo dhuufatti isaa kan ibsuu

Baay'een kan amanan irbaata gooftaa seera isaa kan dandamatee "K" irratti.

▣ **'Hirmaachuu"** jechii Girikii kuni *koinonia*,, hiiki isaas "hirmaanaa wali wajjin" kun kan ingillifaa "communion" (tokkummaa) kan argamuu dha, innis irbaata qulqulluu fi fakkeenya irbaataa kan ta'ee, amma tokkummaaf cimsa kan laatuu itti fufeenyaanis baay'ee kan cimee tokkummaa kan ta'ee. Mata duree addaa: *Koinonia* 1:9 irraa ilaali.

▣ **"Dhiiga Kristoosiin"** kun du'a Kristoosiif cimsa kennu dha, isaan kan Kakuu Moofaa karaa aarsaa qabiyyee barreefamaa (Leew 1-7). Dhiigii fakkeenya lubbuutti (Leewo 17:11, 14).

▣ **"Biddeen nuyii cabsanuu"** kun irbaataa Gooftaatiif kan fayyadamnu gaalee ingilli irraa kan argamee dha, "buddeen cabsachu' (Hoji.erg. 2:42). Kun Yesus Kakuu Haaraa akka bakka bu'uu fakkeenya fillatee dha, fannoo irratti foon isaa cabee. Innita'e jedhee hoolaa faasikaa in fillane, innis kan Kakuu Moofaa shaakalaa fi fakkeenya kan turee (Ba'uu 12).

▣ **"Foon Yesus irraa hirmaachuu"** "Foon Yesus" fakkeenyi jedhuu lamaanuu dha (1)qaamii isaa foonii cubbuu namaatiif aarfamuu isaa fi (2)kan itti fufee jiruu qaama hafuuraa isaa ta'uu isaa, waldaa kiristaanaa (innis Qorontositti fuula lamatu jira [a] waldaa kiristaanaa hoosiftuu fi [b]waldaa kiristaanaa wali gala).

**10:17** kun kan Kiristosii fi waldaa isaa tokkummaa irratti cimsa kan laatuu dha, fakkeenya irbaataa gooftaa kan ibsamee (jechuun, daaboo tokko). Kunnis tokkummaa wal fakkaataa kan ta'ee foon Kristoos 12:12-13 irratti kennaa hafuuraa isaa irratti wal qabata.

**10:18 "Saba Israa'el"** kun akkuma jirutti "fooniin kan jiru Israa'eeli" dha (mata duree addaa 1:26 ilaali). Kunnis kan biraa karaa fakkeenyaatti (jechuun, waabii seenaa) irbaata gooftaa tokkummaa hirmaataan argisiisuudhaaf.

**10:19 "Egaa maalaan jedha"** barreefamni Phaawulos hiikuudhaaf salphaa kan ta'ee barreefama Macaafa qulqullutti, sababi isaa inni yaada isaa bifa loogikii ta'een waan ijaareef. Gaalee kana kan fakkaatuu kan loogikii

fayyadama hiika ammayyaa yaada Phaawulos tuqaa isa guddaa sadarkaa keeyataatiin akka ijaaramaniif in dandeesiisa, kunnis kitaaba isaa hiikuudhaaf furtuu kan ta'e.

Phaawulos qabiyyee barreeffama kanaa hundumaan yaada isaa ijaare, wal duraa duuba kan ta'ee gaafii seenaa (NASB, lakk.16) (lama) lakk. 18( al tokkoo) lakk 19 (al lamaa yookaan al sadii) lakk.22 (al lama) lakk. 29 (al tokkoo) lakk.30 (al tokkoo).

▣ **"Yookiis waaqi tofamaan akkasumaanii"** barreesitootni durii barreefama galagalchan utuu in beekiin akkamitti akka jijjiran fakkeenya argisiisuu dha, gaaleen kun barreefama Girikoota durii akka tasaatti ba'eera (jechuun, P[46] a, A, fi C). kan barreffama hisii fi ibsa dablataa guca lamma ilaali.

**10:20 "seexanaaf kan aarfaman"** Phaawulos gara Kakuu Moofaa deebi'ee deemee, waaqa tolfamaa waaqessuun kan inni wajjin adeemuu dhugaa fakkeenyichaa wajjin ta'uu dhiisuu isaa hubateera, haa ta'uu malee dhugaa hojii hafuuroota hamoota wajjin uumama foonii (Lewo 16:8, 12:7, Keessaa deebii 32:17, Faarfannaa 96:5, 106:37, Isaa 65:11, Mul'ata 9:20, 16:14). Gocha namoota duuba hafuurri biyya lafaa jira (Keessa deebii32:8 [LXX] Daani'eel 10, Efes 6:10-18). Ammam illee raawwate adda ta'ee yoo taa'uu baatees Kakuu Moofaatti ergamooti kufan Kakuu Haaraatti seexanoota Phaawulos gara isaan kanatti humnoota hafuura kan ilaalatuu jecha biraatiin Roomee 8:38-39, 1 Qoro 15:25, Efes 1:21, 3:10, Qolaas1:16, 2:10, 15. Phaawulos "jinni" jecha jedhuu kan inni fayyadamuu as qofatti 1 Xiimoo 4:1 irratti. Mata duree addaa:kan qaama hamaa 7:5 irratti ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: AFUURA XURAA'AA/JINNII

A. Namootni bara durii seensoosarii (animists) dha. Namoota cimina qaban human uumamaa, Bin eeldota, fi waantota uumamaa cimsanii laalu. Jireenyi illee Afuura akkasii keessaan ilaalama.

B. Namoomsuun kunis waaqolii danuu (polytheism) fide yeroo hedduu (*genii)* waaqolii gadaanoo (gaarii ykn gadhee) kannaa jireenya namaa irratti taatee qabanidha.
   1. Meesoopootaa miyaa, jeequmsa fincila
   2. Ejibt (Missira) jajajuu fi hojjechuu
   3. Kana'an W.F. Albrights Archaeology and Religion of Israel, Fith Ed. fuula67-92 ilaali.

C. Kakuu Moofaa waan seera Tokkummaa'a (monotheism) hordofuuf, waaqolii xixiqqoo (gadaanoo) kanneeniif bakka hin kennu. (cf. Ba'u 8:10:9:14; 15:11; S.Kees. 4:35:39; 6:4;; Far. 35:10; 71:19,86:6; Isa. 46:9; Erm. 10:6-7; Mik.7:18). Waaqolii sobaa warra waaqa hin beeknee kan ibsu (*Shedim*, cf. Kees. 32:17; Far. 106:37) fi maqaa muraasa isaaniis yoo waamureeruu.:-
   1. *Seim* (Jinnii rifeensa qabu. cf.Lew. 17:7 2Mot. 11:15)
   2. *Lilith* (dubortii, Jinnii saaldessu (seducing demon) cf. Isa. 34:14
   3. Muuet (Jecha Ibirootaa du'aaf tajaajilu, waqottii lafa jalaa. Isa 28:15; 15;12; Erm 9:21
   4. Resheph (plague, cf. Skees 33:29; Far. 78:48, Haba 3:5)
   5. Dever (pestilence, Far. 91:5-6; Hab. 3:5)
   6. Az'azel (Jinnii gammoojjii, maqaa bakkaati. cf. Lew. 16:8,10,26)
      (Fakkeenyoonni kunniin Encyclopaedia Judiaca, War. 5 fi 1523 irraa fudhaman). Haa ta'u malee, YHWH Kakuu Moofaa keessaa irraa lama ta'uun ykn bilisummaan ergamummaa hin jiru. Sexanni hojetaa YHWH (cf. Iy. 1-3; Zakkaariyaas 3), walaba ta'uu diina ofiinof qajeelchuu miti (cf. A. B Davidson, *A Theology of The Old Testament*, ff. 300-306

D. Judizimiin (judaism) kan inni eegale yeroo boojuu Baabiloon (Dh, K.D. 586-538) tti. Inni gama Tiyooloojiitiin waaqa warra peershiyaa kan "Zoroostrianism" kan lamummaa (dualism) qabun kan waaqiisaanii Inni gaarii fi guddaan/olaanaan Mazda ykn Ormazd Inni hamaan isaan falmu immoo "A hriman" jedhamuun jeeqamee ture. Kunis bara boojuun booda judizimii keessatti lamummaa YHWH fi Ergamoota isaa, seexanaa fi Ergamootaisaa gidduutti uumeera.

   Barsiisa gudizimii keessatti Afuurri hamaan sanadaa'ee kan inni ibsame "Altred Ed ershiim's The life and Times of jesus the massiah, Vol. 2. Appendex XIII (Fuula 749-863) fi XVI (fuula 770-776)" keessatti dha. Afuurri hamaan (Jinniin) Judizimii keessatti karaalee sadiin ilaalama.
   1. Seexana ykn saama'eu
   2. Yaada hamaa ((*yetzer hara*)) dhalli namaa qabu.
   3. Du'a fiddoota ergamootaa./ Ergamoota du'aa.

"*Ed ersheim*" yeroo ibsu (1) Himataa, (2) Qoraa, (3) Adabaa (Vol. 2. pp 756).Amantii Yihudii bittaa jala turee duraa fi dhihaachuu fi ibsamuu hammeenyaa gidduu garaagarummaan ti'oolojii mul'ifame ni jira.

E. Kakuu Haaraa keessattuu, wangeelotni. Jiraachuu fi mormii Afuurotni Hamoon namummaa dhuunfaa fi YHWH irratti qaban ni ibsu. (Judizimii keessatti Seexanni diina dhala namaati malee, diina waaqayyoo miti). Isaanis fedhii, bulchiinsa seeraa fi Mootummaa Waaqayyoon warra mormaniidha.

Yesuusis Afuurota jinnii kana akka (1) Afuura Xuraa'aa, (Luq. 4:36:6:18) ykn (2) Afuura hamaa jedhee ibseera. (cf. Luq. 7;21; 8:2) dhala namaatirraa. Yesuus ifumatti dhukkuba (foonii fi sammuu) fi seexanaa gidduu gargaarummaa uumeera. Hafuurota hamoo kanniin hubachuu fi baasuudhaan Inni ilaalcha humnaa fi hafuufa Isaa hubatanii Isas argisiisuuf carraaqqanii turani, garuu immoo Yesuus dhuga ba'uumsa isaanii hin fudhanne ture; callisuu isaanii ni barbade, akkasumas immoo humnaan isaan ni baase. Humna Hafuura hamaa baasuun mallattoo moo'atamuu mootummaa seexanaati.

Hanqinni odeeffannoo ergaawwan bartootaa dhimma kanarratti Kakuu Haaraa keessatti waan nama dhinqisiisuudha. Humna hafuura hamaa baasuun akka kennaatti ykn sirna tooftaa uumuu ykn wal duraa duuba dhaloota ergamoota wangeelaa ykn amantoota egeriitiif kenname ta'uun isaa gonkumaa hin himamne.

F. Hammeenyi dhugaan kan jiru, namummaa dhuunfaa, kan jiraatudha. madda isaas ta'ee kaayyoon isaa hin ibsamne. Wangeellis dhugaa jiraachuu isa fi mormituu cimaa ta'uu isaa ibseera. dhugaasaa yoo ilaale waaqni lama hin jiru. waaqayyo hundumaa mo'eera, Afuurri hamaan mo'ameera. Ittis faradamee uumama keessaa ba'eera.

**G.** Sabni waaqayyoos afuura hamaan mormuu qaba. (Mat. 4:7). isaan mo'amuu hin qabani. (1Yoh. 5:18), garuu ittiin qoramuu fi dhugaan isaanii cabuu danda'a. (Efe. 6:10-18). Amantootni mo'icha kiristoosiin deddeebi'uu qabu. Kiristiyaanonni hammayyaa mirga hafuura hamaa qulqulleessuu (the demythologizing of Rudolf Baltmann); hafuura hamaa humna dhabsiisuu (qindoomina hawaasaa (the social structure of Paul Tillich) ykn immoo jechoota mul'isoo ta'aniin guutummaan guututti isa ibsuuf yaaluu hin qabanu (Sigmud Freud). Dhiibbaan isaa bakkuma hunda kan jiru, ta'ullee moo'atameera. Amantoonni injiannoo Kiristoos kessaan deddeebi'uu qabu.

▣ **"Seexanaa wajjin hirmaachuu"** fakkeenya Phaawulos duuka bu'ani. Kiristaanoonni fooni Kristoosi wajjin tokkoo (jechuun, waldaan kiristaanaa) sababi isaa aarsaa isaa wajjin waa'ee tokko ta'u (jechuun, foon isaa Qaraniyoo irratti waan fanifameef) irbaata gooftaa kan ta'ee daaboo waan hirmataaniif, innis foon isaa cabee fakkeenya kan godhu. Kanaafis waaqa tolfamaa kan waaqessan isaanis jiraata kan hin taanee waaqa tolfamaadhaaf foon aarfamee kan nyaataan, amantaa duubaa kan jiru seexana irraa waaqeeffannaa waaqa tolfamaa hafuuraa wajjin kan wal qabatee in hirmaatu. Amantootonni kan seenaa kan ta'ee jireenya Yesus irraa karaa waaqeffannaatiin akka hirmaatan (jechuun, Room 6) akkasuma kan in amanee immoo kan seexanaa irraa hirmaatu.

**10: 21** Gaaleen kun kan inni argisiisuu mana waaqa tolfamaa Qorontositti kan turee aarsaa waaqa tolfamaatii fi waaqeeffannaa dha. Amanaan kiristaanummaa kan garee tokkoo duwwaa qofa ta'uu kan cimsuu ta'uu hin qabu (jechuun, tokkoof tokkoo qofa Waaqayyoo Yesusiin Masihii isaa) akkasumas immoo waaqa tolfamaa waaqeffannaa hafuura utuu hirmaatu. Akkas kan godhani ejjummaa hafuuraatiin!

**10:22 "Hinaafaa gooftaa kakkaasa"** kun kan fakkaatuu seera keessa deebii 4:25, 32:16, 21, Farfa.78:58 yookaan Isaa 65:3 waabii dha. Gooftaan kan jedhuu jechi lakk.21 irratti ifatti kan inni argisiisuu Yesusi dha haa ta'uu malee lakk.22 irratti Yaahiwwee dha, ce'umsa kana fakkaatuu barreesitootni Kakuu Haaraa Yesus nama Nazireetiini waaqummaa isaa karaa ittiin cimsanii dha.

"Hinaafaa" jechi jedhuu jecha jaalalaa cimaa dha. Tokko hinaafuuf waan jaallatu qofaaf. Yaahiwween saba isaa wajjin miiraan qabameera, innis amala isaa kan callaqisiisuu fi maqaa isaa gara biyya lafaatti kan fudhatu waaqeffannaan waaqa tolfamaa tokkummaa kanaaf kaayyoo abbaa wangeelaa balleessa.

▣ **"Nuyiis isa caalaa in jaabana"** seer-luga "miti" deebii jedhuu eega. Galumsi jecha kanaa garee kiristaanummaa adda addaa lama callaqisiisa: obbolleessa dadhabaa lakk.14:21 irratti obboleessa jabaa lakk.23-33 irratti. Lakk.22 kan inni argisisuu dursanii sammuu isaanitti kan murteessaan isaan gareen amantoota lamaan dhi'eessuudhaa fi rakkina jiruu dha (Room 14:1-15:13). Phaawulos barumsa xiin-waaqummaa (theological

tightrope) isaan falaasama kiristaanootaa laman kanaa/ilaalcha biyya lafaa (jechuun, shaakalli darbee birmadumaa fi garbummaa gidduutti adeemsiisuu yaala.

## I Qorontos 10:23-30

**[23] "Wanti hundinuu dhowwaa hin qabu!" in jedhama, garuu wanti hundinuu immoo nama hin gargaaru, "wanti hundinuu dhowwaa hin qabu!" garuu garuu wantii hundinuu ijaarsaaf hin ta'u*. [24]Namni waan isatti tolu haa barbaadu*! [25]Foon dhaabii foonitti gurguramus, yaada garaa keessanii akka hin tuqneef, waaqayyolii tolfaniif qalamuu isaa utuu hin gaafatin, nyaachuu in dandeessu*, [26]akkuma caaffanni qulqullaa'aan jedhu iyyuu, "Biyyi lafaa wanti ishee keessa jirus hundinuu kan gooftaa ti*. [27]Namni hin amanne tokko mana isaatti nyaataaf yoo isin waame, isinis dhaquu yoo barbaaddan yaada garaa keessanii akka hin tuqneef, maaliif qophaa'e ettanii utuu hin gaafatiin, waan isiniif dhi'aate nyaadhaa! [28] Namni tokko, "kun qalma aarsaadhaaf dhi'aatee dha" jedhee yoo isinitti hime sanaaf, yaada garaa isaas waan tuquuf hin nyaatinaa*! [29]Kunis yaada garaa isaa akka hin tuqneef malee, yaada garaa kee jechuu koo miti; ati immoo "yoos birmadummaan koo yaada garaa nama biraatiin maaliif ittifama ree? [30]Ani ga'aa koo galateeffadhee yoon fudhadhe, nyaata isa ani Waaqayyoon itti galateeffadheef maalifan ceepha'ama ree?" jettee in gaafatta ta'a*.**

**10:23** kun boqonnaa 6:12 gara yaada ka'eetti kan deebi'udha innis birmadummaa kiristaaanaatii fi itti gaafatamummaa madaallii isaa kan eeguu (Room 14:19). Lakk. 23-33 waa'ee obboolessa jabaa kan yaadachiisuudha.

▣ **"Hundumtuu hiyamameera"** gaaleen kun al lama irra deddeebi'eera. Hiiki tokko tokkoo kana akki isaan itti kaa'an warabdoo keessatti (NRSV, TEV, NJB) Qorontosiin kan turan gareen qoqodoota dhadannoon isa tokkoo yookaan fakkeenya aadaa ta'uu danda'a jedhee waan yaadaniif. Kun "kan isa jabaa" kiristaanni addunyaa bilisa ta'ee dha (6:12, 10:26, Room 14:14, 20).

**MATA DUREE ADDAA: MIRGAA FI DIRQAMA KIRISTIYAANAA (Yaada mataa kootii: Rom Vol. 5 irraa kan fudhatame)**

A. Boqonnaan kun faallaa mirgaa fi dirqama kiristiyaanaa gidduu jiru wal simsiisuuf yaala. Boqonnaan kun hojii ergamootaa irratti argama.
B. Boqonnaa kana keessatti rakkina kan uume waldhabbii Ormootaa fi amantoota Yihudootaa mana kiristiyaanaa Roomaa ta'uu ni mala. Kiristiyaanaa ta'uu isaaniittiin duratti Yihuudonni seeraan bultoota yeroo turan miti-amantoonni immoo seeraan ala gocha sirrii hin taaneen jiraachaa turen. Yaadadhaa, boqonnaan kun kan barreeffame duuka buutota Yesuusiifidha. Boqonnaan kun amantoota ejjituuf kan barreeffame miti (cf. 2Qor. 31:1). Boqonnaa kana barreessuuf kan ka'ums ta'ee garee lachuudha. Gareen lachuu balaa keessa jiru. Mareen kun dogoggora xixiqqoo seeraan funaanuu yookaan bilisummaa kan heyyamu miti.
C. Amantoonni qo'annoo amantii yookan seera ititin bulmaata isaanii madaalli amantoota biro hundaa gochuu irraa of qusachuu qabu (cf. 2Qor. 10:21). Amantoonni ifa qaban keessa adeemu qabu, garuu seera amantii isaanii hubatan jechuu akkuma sanaan seera Waaqayyo beekan jechuu miti. Ammas taanaan amantoonni cubbuudhaan miidhamaniiru. Walii walii keenya wal jajjabeessuu, wal amansiisuu, fakkii irraa of eeguu, sababaa fi muuxannoo wal jijjiiruu qabna, garuu yeroo hundaa jaalalaan wajjin. Nana beeka nan beeka jechuun kan hin beekne (cf. 2Qor. 13:12)!
D. Ilaalchii fi kaka'umsi namni tokko Waaqayyoof qabu hiiktuu dhugaa inni hojii isaa ittiin maludha. Kiristiyaanonni maal walii walii isaaniitiif gochaa turan irratti murtoo fudhachuuf fuula Kiristoos ni dhaabbatu (cf. lakk. 10, fi 2Qor. 5:10.
E. Maartiin Luutar, "Namni kiristiyaani mootii bilisaa kan eenyuunuu hin bitamnedha; namni kiristiyaanni hojjetaa hundaati hundaanis ni bitama" Darbee darbee dhugaa Macaafa keessatti barreeffame jecha kana ni faallessa.
F. Barumsi cimaa fi barbaachiisaa ta'e kun kitaaba Roomaa boqonnaa 14:1-15;13 keessatti ibsameera,kana malees 1Qor. 8-10 fi Qol. 2:8-23 keessatti.
G. Haa ta'u malee, lama ta'uun amantootaa gadhee lachuu ciminaa fi dadhabina qabu. Lachuun isanii ifa qaban keessa deemuu qabu, ifa caalaa argachuufis wangeelaa fi hafuura qulqulluu fi banaa ta'anii.

Fayyina hunda keenyaatiin bara dukkanaan fuullee keessan ilaalamuu (1Qor. 13:8-13) eenyullee jaalala keessa deemuu (cf.15) fi nagaa (lakk. 17,19) qabaachuu qaba.

H. Jechoonni "ciminaa" fi "dadhabina" kan Phaawuloos garee-lamaniif kenne akka nu jibban taasise. Kun akka kaayyoo Phaawuloos hin taane beekamaadha. Gareen lamaanuu garaa irraa fuudhanii amantoota turan. Nuti yaaliin keenya kiristiyaanota biroo ofitti dabaltuuf miti! Maqaa Kiristoosiin isaan fudhanna!

I. Walumaa galatti ijoon wal mormii kanaa akka armaan gadiiti.
   1. Wal fudhaa sababni isaa Waaqayyo Kiristoosiin nu fudhateera (cf. 14:1,3; 15:7);
   2. Wal irratti hin murteessinaa sababni isaa kan murteessuuf kan murteessu Gooftaa keenya Kiristoos qofadha (cf. 14:3-12)
   3. Bilisummaa dhuunfaa irraa jaalalatu caala (cf. 14:13-23).
   4. Fakkeenya Kiristoosiin duuka bu'udhaan fayyinaa fi gaarummaa warra kaaniitiif waan sirri hojjedhuu agarsiisi (cf. 15:1-13)

▣ **"Waanti hundumtuu garuu hin gargaaru"** hojii irra oolchuun qorumsa hafuuraa kan ta'uu "foon kan qulqulleessu dha (jechuun, saba amanaa)?" kan jedhuu dha (6:12 14:3-4, 26, II Qorontos 12:19, Room 14:19, 15:2). Kun amantoota hundumaaf qoramsa, kan godhaniifis ta'ee kan dubbataniif. Tokkoo bilisummaa Kristoosiin jiruu Kiristoos kan du'eef miidhamuu in qabu (Roome 14:15).

Yaada dhuunfaa qofa, kun argisisuu kan yaaluu kan hafuuraa dirqamatti sadarkaa gadi jedhee akka kan irra keessaa ta'eeti. Amanaa dadhabaadhaan, haa ta'uu malee amantooti bilchaatan kisaaraa hiriyaa amanaa isaani biraa in fayyadaman. Amantootni tokko tokkoo kan seera jabeessanudha dha, warri seera Farisooti. Ani seera isaanitiin qabamuun narra in jiru, haa ta'uu malee isaan jaallachuun narra jiraata isaaniif kadhachuunis naaf ta'a, guutuu guutuutti simachuutuu irra jiraata, itti dabalata uummata durratti qaneessuun irra hin jiraatu yookaan birmadummaa kootiin dhadachuudhaaf. Ani amantoota biroo itti gaafatamummaa hafuuraatu narra jira! Mata duree addaa: qulqulleessuu 1 Qoro 8:1 ilaali.

**10:24 "Tokkoon tokkoon bu'aa mataa isaa in ilaalin, bu'aa hiriyaa isaa malee"** kun gocha xiyaafata ammaati. Kiristanummaan bilchaatee faayidaa warra biroo fuula isaa duraa kaa'aa (33, 12:7, 13:5, Room 14:7, 15:2, Filli2:1-5, 21).

**10:25, 27** kun amantii bilisa ta'ee dha. Haa ta'uu malee "jabaa" amantii "dadhabaaf" amantii bakkee irratti kenna. (lakk. 28:29).

**10:25 "Sammuu"** Kakuu Haaraatti qofa kan ta'ee jecha Girikii "sammuu" hin jiru, jecha Ibirootaa irraa "harma" irraa kan hafee, innis immoo wali galli isaa sammuudhaa fi yaada keessaa beekuu. Isa tokkoo irratti jechi Girikii kan heeruu sammuu damaqaadha, miira qaamaa shanaan wajjin kan wal qabate. Innis fayyadama irra kan oolee miira keessatti, Roomee 2:15). Phaawulos jecha kana yeroo komatameetti al lama fayyadameera, Hoji.ergamootaa (jechuun, 23:1 fi 24:16). Innis kan argisiisuu miira isaatiif, kunnis waan tokkoo illee kan beekamee amantaa Waaqayyoo hojii irra oolchuu ta'ii jedhee akka hin cabsinee dha (1 Qoro 4:4).

Sammuun ijaaramaa kan deemuu gocha yaada keessa amantootaa yemmuu ta'uu kan inni irratti hun daa'uu (1)ilaalcha macaafa qulqulluu (2)kan nuu keessaa bulle hafuura qulqulluu, fi beekumsaa tooftaa jireenyaa, sagallee Waaqayyoo irratti hundaa'uudhaan. Sammuun kiristaanaa guddaachuu kan danda'uu dhuunfaatti wangeelaa wajjin hafeeraa qabuuni dha. 8:7 irratti kan jiru qabsiisa guutuu ilaali.

**10:26 "Biyyi lafaatii fi wantii ishee irra jiru kan Waaqayyooti"** kun akn inni mirkaneessuu gaarummaa uumama hundumaati (6:12,10:26, Room 14:14, 20), innis walin makuun kan fudhatamee faarfannaa 24:1 fi 50:12 kunnis Kakuu Moofaatti Yihudootaan fayyadama irra kan oole, galata irbaata irratti dhi'aatu.

Tekstees Resipetis lakk. 26 lakk.28 dhumma irratti irra deebi'a. kun isa guddaa miti. Innis barreefamoota Girikiitiin badeera a, A, B, C, D, F, G, H*, fi akkasumas Vaalgeeti, Siriyaa yookaan Kooptiki hoiikoota itti hin dabalamne.

**10:27** lakk.kun isa guddaa dha, badhee irratti hafeeraa waaqa tolfamaa irratti hirmaachuu gidduu fi guyyaa hundumaa warraa in amananini wajjin kan godhamuu walitti dhufeenya haawasumma gidduu gara garummaa ka'uudhaaf. Phaawulos jabaadhaa fi seera cimaa hin qabu. Inni dursee kan inni kennuu alitti dhufeenya dhuunfaati

(jechuun, abbaa wangeellaa fi duuka buutuu). Hawaasi kan dursanii dha. Hawaasi kan bara baraatti. Hawaaasi du'a Kristosiifi kaayyoo dha, nyaata utuu in ta'iin! Lakk.29-33 kan inni argisiisuu guduunfaa Phaawulosi dhimma kana irratti.

**10:27, 27 "yoo"** isaan lamaan ramaddii lamaan himoota haalaatti, isaanis yaada barreessaa yookaan kaayyoo barreefamichaatiinsirri dha FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENCES,jedhamee kan amanamu.

**10:28 "yoo"** kun ramaddii sada hima haalaati inni gocha cimaa kan ta'ee THIRD CLASS CONDITIONAL SENTENCE, dha.

▣ **"In nyaanne"** kuni gocha xiyaafaataa ammaati, keeyata alta'aa wajjin innis yeroo hundumaa hiikii isaa nyaachuu dhiisaa. Kiristaani yoo hubatee inni/isheen nyaachuu irra in jiraatu, sababi isaa dhimmi isaa kan dhufee sababi guddaan kan inni argisiisuu kan amantii dadhabaa yookaan amantii kan barbaaduu jiraachuu isaaati.

**10:29**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Birmadummaan koo sammuu biraadhaan kan inni murteessuuf maaliif"** |
| **NKJV** | **"Birmadummaan koo sammuu nama biraatiin maaliif murteessa"** |
| **NRSV** | **"Birmadummaan koo sammuu nama biraatiin murtiin maaliif kufa"** |
| **TEV** | **"Birmadummaan koo sammuu namoota biraatiin maaliif murtaa'aa"** |
| **NJB** | **"Birmadummaan koo sammuu nama biraa jalatti maaliif bitama"** |

NRSV seera tuqaa kan kaa'ee jechooti kun kan Phaawulos akka ta'aanii dha. TEVn kana akka hiikuutti akka gaaffii biraati, harkifataan mormaa akka gaafatameeti. Tooftaan barreefama kana jecha cimaa jedhama (6:12, 13).

Kun gaaffii isa guddaa dha, mataa keetiin mataa keetiif kan deebiftu. Tokkoon tokkoon keenya geggeessuu hafuura qulqulluutiini daangaa mataa keenyaa kan birootiif ifa gochuun nurra jiraata, jaalala irraa kan ta'ee fi gooftaadhaaf ulfina kennuudhaan.

## Mata duree addaa: kiristaanooti tokkoo kan biraa irratti murteessuun irra jiraataa?

Dhimmi kun ilaalamuu kan qabuu karaa lamaan

1. Amantootni tokko kan biraa irratti akka murteessuu aboomamaniiru (Maati 7:1-5, Luq 6:37, 42, Room 2:1-11, Yaaq 4:11-12).
2. Amantootni geggeessaa hafuuraa madaaluun akka irra jiraatu aboomamaniiru (Maat 7:6: 15-16, 1 Qoro 14:29, 1 Teso 5:21, 1 Xiimoo 3:1-3 fi Yoha 4:1-6)

Sirrii kan ta'ee madaalli gochuu fi safartuu muraasa ilaaluun nama fayyada

1. Madaalaa ta'uun kan irra jiraatu kaayyoo adda baasuutiin (1 Yoha 4:1, "sakata'uu" jedha)
2. Madaalaa ta'uu kan qabuu gadi of qabuumaa fi suuta jechuudhaan (Galaa 6:1)
3. Madaaliin dhimma dhuunfaatiin wal qabatee ta'uu in qabu (1 Qoro 8:1-13, Roome 14:1-23, 10:23-33)
4. Madaalaa "mudaa kan hin qabne" namoota waldaa kiristaanaa irraa yookaan hawaasa irraa adda ba'uu kan dandeesisuu ta'uu qaba (1Xiimo 3).

**10:30** kun kan argisiisuu amanaan galata dhi'eesse waa'ee irbaata nyaateeti. Gaaffiin isaa akka sadarkaa geggeessuu wali galatti kaa'aa, kunnis birmadummaa kiristaanummaa keenyaa akkamitti akka fayyadamnu, innis lakk.31 hordofee.

## I Qorontos 10:31-11:1

**[31] Egaa yoo nyaattan yookiis yoo dhugdan yookiis waanuma hojettan hundumaa ulfina Waaqayyoof hojjedhaa*! [32]Warra Yihuootaatti, warra Yihudoota hin ta'inittis yookiis waldaa kiristaanaa Waaqayyootti gufuu hin ta'inaa*! [33]Ani karaa koo waanuman hodhuun nama hundumaa gammachiisuu nan yaala; isaan akka fayyaniif, waan anaaf waa'ee baasuu utuu hin ta'in, waan namoota baay'eedhaaf waa'ee baasuu bnan barbaada*. [11:1]Egaa akkuma ani fakkeenya Kristos fudhadhe, isinis immoo fakkeenya koo fudha dhaa*!**

**10:31 “Waan hundummaa ulfina Waaqayyootiif godhaa”** kun geggeessuu wali galaatti jireenya amanaatti bakka hundumaatti hojii irra kan oolu (Efe 6:7, Qolaa 3:17, 23, 1 Phexi 4:11). Mata duree addaa ulfina 1 Qoro 2:7 irratti ilaali.

**10:32 “Yihudootaafis yookaan namoota Girikiitiifis yookaan waldaa kiristaanaa Waaqayyootiif gufuu in ta’inaa”** isaan gareen sadan kun kan heeruu fakkaata. Isaan lamaan jalqabaa kan isaan wajjin deemaan abbaa wangelummaa wajjin, gareen dhummaa tokkummaa waldaa kiristaanaa wajjin.

“Waldaa kiristaanaa’ jechi jedhuu ifatti hojii irra kan oolee bifa wali galaatiin, akka Maati 16:18. Jechichi fayyadama irra kan oolee Kakuu Haaraatti.

1. Bifa kan naannummaatiin (baay’een isaani beenyaa fudhachuudhaan)
2. Bifa naannootiin (Hoji ergamoota 9:31, Galaa 1:2)
3. Bifa wali galaatiin (Filli3:6, Ibiroota 12:23)
4. Bifa bal’aadhaan, qulqulloota hundumaa kan bara hundumaa jireenyatti kan jiraatanii fi kan du’an (Efe 1:22, 5:23, 24, 25, 27, 29, 32, Qola 1:18, 24)

▣ **“Waldaa kiristaanaa”** mata duree addaa waldaa kiristaanaa 1:2 irratti ilaali.

**10:33 “Anis wanta hundumaan namoota hundummaa akkan gammachiisuu….waan ta’eef isaan akka fayyaniif”** abbaan wangeelaa mirgaa mataa isaa osoo hin ta’in amantoota bilchaataan wanta dursuu dha (9:19-22).

▣ **“Baay’een”** afaan ingillitiin kun tarii kan gargaaruuu kan garee guutummaa qooduu isa guddaa dha. Ta’us akka yaada Ibirootaatti kunni “Hundumaa” kan jedhuu gara garummaa barrefamaa qofa. Wal bukkeetti argamuu kan danda’uu

1. Isaayaas 53:11 “baay’een isaanii”
   Isaayaas 53:12 “baay’ee isaaniitiif”
   Isaayaas 53:6 “hunduma keenyaaf”
2. Roomee 5:18 “namoota hundumaaf…. Namoota hundumaaf”
   Roomee 5:19 “baay’een isaanii…baay’een isaanii”
3. Qoro 10:17 “nuyii baay’ee taanee” (Phaawulos asitti “baay’ee” maqaa jedhuu kan fayyadamee guutummaa garee amantootaatif)

▣ **“Isaanis immoo akka fayyaniif”** kun lalaba wangeelaatii fig alma jireenya kiristaanaati (9:19-22). Abdiin Waaqayyoo Uumamaa 3:15:12:3 amma rawwaateera. Tokkummaan kan inni gargar citee (jechuun, mucaan namaa kan miidhamee fakkeenyi Waaqayyoo) Kiristoosiin deebi’eera. “Eenyu iyyuu kan hiyamee haa dhufu (Hisqi 18:23, 32, Yoha 1:12, 3:16, 1 Xiimoo 2:4, 2 Pheexi 3:9).

**11:1** lakk.kun deemuu kan danda’uu boqonnaa kudhanii wajjin 11 wajjin utuu hin ta’in. kan Phaawulos yaada wangeellawumaatii fi gocha barumsa Yesus wajjin wal bukkee dha. Phaawulos akka isa fakkatee amantoota Qorontosin turan xiyaafachuun kan qaban (1)gaarummaa qaama isaati (waldaa kiristaanaa) fi (2)biyya lafaa hin amanee fayyina.

## Gaaffiillee mare

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Lafa gammoojitti kan du’an Isra’eloonni kan hafuuraatiin badaniiruu?
2. Irbaati gooftaa kaayyoon guddaan maalii?
3. Tokkoo birmadummaa kiristaanaatii fi itti gaafatamummaa kiristaanaa madaaliin isaa akkamitti eegamuu danda’aa?
4. Galmii birmadummaa keenyaa maal ta’uu qaba?

# I Qorontos 11

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| | | Rakkoo hawaasa keessa jiru (11:2-14:40) | | Sirna waaqeffannaa waliiwajjinii (11:2-14:40) |
| Yeroo waaqeffannaa mataa haguuggachuu | mataa haguuggachuu | Yeroo waqeffannaa walga'ii keessaa uffannaa seera qabeessa ta'e | Yeroo waaqeffannaa mataa haguuggachuu | Yeroo tajaajila amala dubartootaa |
| 11:2-16 | 11:2-16 | 11:2-16 | 11:2-12 | 11:2-6 |
| | | | 11:13-16 | 11:7-12 |
| | | | | 11:13-15 |
| | | | | 11:16 |
| Irbaata gooftaa irratti seraan ala waantota ta'an | Irbaata gooftaa irratti amala ta'an | Irbaata gooftaa irratti seraan ala waantota ta'an | Irbaata gooftaa | Irbaata gooftaa |
| 11:17-22 | 11:17-22 | 11:17-22 | 11:17-22 | 11:17-22 |
| Sirna Irbaata gooftaa | Sirna Irbaata gooftaa | | | |
| 11:23-26 | 11:23-26 | 11:23-26 | 11:23-26 | 11:23-27 |
| Utuu namaa hin ta'in irbaata fudhachuu | Mataa keessan qoraa ilaalaa | | 11:27-32 | 11:28-32 |
| 11:27-34 | 11:27-34 | 11:27-34 | 11:33-34 | 11:33-34 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. Kkk

## Qabiyyee barreefama 11:2-34

A. Boqonnaa 11-14tti waa'ee waaqeffannaa wali wajjini ibsa. Innis tokkummaan kan jiruu boca barreefamaa ifatti qabateera.
   1. Kan dhirootaatii fi dubartootaa gochaa fi ufata (11:2-16)
   2. Namuusa Irbaata gooftaa (11:17-34)

3. Kennaa hafuura hojii irra oolchuu (12-14)

B. “Waaqeffannaa wali wajjini” yeroo jedhuu harkifataa yoomii fi eessaa lama qaba jechuu kooti
   1. Gareen xiqqoo ta’ani manootaatii fi hanga itti fufuutti, tokko tokkoo ollawwaan sooressaa, tokko tokkoo bakka qomoowwaanitti , tokko tokkoo naannoo tajaajilootaati
   2. Yeroo yerootti (gabatee yeroo sirrii beekamaa miti) isaan xiqqaan waldooti kiristaanaa manatti kan walii gala magaalaa ta’aan waaqeffannaadhaaf walitti in qabamuu (jechuun, irbaata Agaabee irbaataa qulqulluu kabajuuf).
   3. Pirootokooliin adda addaa galumsa waldaa kiristaanaa manatti qabaachuu isaa yookaan yeroon walitti qabama isaa ifatti in beekamne.

C. Lakk.2-16tti hubachuudhaaf karaa baay’eetuu jira.
   1. Qabiyyeen barreefama kanaa dura kan inni dubbatuu amala sirri ta’ee (sirri) dha (lakk.13) yeroo waaqeffannaa tokkummaa, dhiiraa fi dubartii gidduttii waa’ee walitti dhufeenya jiruu utuu in ta’iin (11-12).
   2. Qabiyyeen barreefama kanaa kan inni dubbatuu waa’ee Kristoosiin birmadummaa haaraa argameeti, kunnis immoo kan Roomee dhiiraa fi dubartii waldaa kiristaanaa Qorontositti of jajuun kan isaan raawwatan, dhiiroonni ejjeennoo gamtaa isaanii, dubartootni aadaa fi barsiifatta irraa bilisa ta’uu isaanii.
   3. Qabiyyeen barreefama kanaa kan inni dubbatuu walitti dhuufenyi uumamaa abbaa manaatii fi haadhaa manoota giddutti ta’uu isaatiif (Efeson 5:22-31, 1 Xiimoo 2:9-15). Walitti dhufeenya sirrii ta’ee kan inni ta’uu Uumama 2-3 irratti hundaa’uudhaan, innis dursuu dhiirootaa argisiisuudhaan, jalqaba uumama Addaamiin sababaa fi ka’umsa hameenyaa Hewwaniin.
   4. Ibsa Phaawulos, waa’ee mataa haguugachuu, dhiiroota qofatti in murtoofnee, haa ta’uu malee immoo dhiirootaas in ilaalata, akkuma baratamee rakkinni Qorontos kallatti lamaani dha. Akka ejjennoo gamtaa isaanitti mallattoon beekumsaa dhiironnii tokko tokkoo, waaqeeffannaa tokkummaa yeroo geggeessaniti mataa isaani in aguugatuu turan, waaqeffannaa waaqa tolfamaatti gochaa akka turan. Akka billisummaa gamtaa dubartoonni haguuggii gaa’ila isaani of irraa fuudhuu turan, waaqennaa tokkuummaa yeroo geggeessanitti (Bruce W.Winter, After Paul Left Corinth) Phaawulos Qorontosiin erga dhiisee boodee (fuulaa 121-141). Barrefamni kun bifa adda ta’een Roomee irraa Qorontosi wajjin wali gala. Jireenya Yihudootaa fi ireenya Girikootaa dubartootni kan baratamee marata mataa hin godhatan.

      Kunni qabiyyee barreefama qabatamaa hin ta’iin hiiktoota baay’eedhaaf saaxila kan ba’e fakkaaata. Hiikonni kun waa’ee isa hiikuu tilmaama dursaa caalaatti dubbata, yaada Phaawulos caalaa. Karaa adda addaatiin karaa baay’ee gargaaramaa kan turee fi barreefama gargaaruu amantoota qajeeloo birratti dhugumatti bifa mirkanaa’eeni bifa safartuu eegateeni bakka dubartootaa fi gochaa isaani daangeessuudhaa fi murteessuuf fayyadama irra ooluun irra hin jiraatu, waldaa kiristaanaatti yookaan dhiirootaa fi dubartoota giddutti walitti dhufeenya jiru sadarkaa umuri hundumaa fi aadaa biratti. Anaan kan abaaruu amantootni tokko tokkoo boqonnaa 11 rifeensa aguugachuu ibsa dhiiraa fi dubartii fi dhimma aadaa kan gargaaruu yeroo godhanii dha (ammam illee Phaawulos Seera uumamaa 1-3tti yoo heeree iyyuu) yeroo wal fakkaatuutti garuukan Phaawulos kan dubartootaa daangaa waldaa kiristaanaa akka qajeelfamaatti umuri hundumaa fi in fudhatu. Kan akka kanaa ba’ee dhimma dhabutti hiikaan rakkina baay’ee kan uuman. Kan kanaa kan wal make fi miirii kan keessa jiruu dhimma wayyu ibsa gabaabaa How to Read The Bible For All It’s Worth By Fee and Stuart (Macaafa Qulqulluu fayyadama isaa hundummaa wajjin akkamitti dubbisuun danda’ama (fuula 61-76 yookaan Wangeelaa fi hafuura qulqulluu Gordon Fee dha.

D. Boqonnaan kunni fakkenya xin-waaqummaa tokko tokkoo akka ilaalu nu gargaara, akkasumas carraa uumame dirqamatti murteessuu yookaan babalisuu kan nurra jiraatu kiristaanni bilchaatee mataa isaa/ mataa ishee kan argachuun irra jiru firooma aadaatii fi hundee ta’a. Naannoo kana irratti kan na gargaaree Macaafi Gorden Fee fi Douglas Stuart, How To Read The Bible For It’s Worth, fuula 71-89.

E. Kun baay’ee argannoo barreefama durriitti, waa’ee hirbaataa gooftaa/irbaata qulqulluu/irbaata

F. Kayyoo irbaata gooftaa
   1. Tokkummaa waldaa kiristaanaatii fi walitti dhufeenya
   2. Ibsa argamuu Yesus
   3. Seenaa aarsaa Yesus ibsuu
   4. Nuyi karaa Yesus Waaqayyoo wajjin kan qabnuu walitti dhufeenya haara ibsu

5. Dhugaa darbee fi itti fufeenyaani deebii Yesus gocha labsuu
6. Gocha waaqeffannaa isa guddaa
   10:16-17 Phaawulos shaakala kana kan ilaalate fakkeenya baratamee yookaan yaadannoo haala ol jedhaadhaan ta'uu isaa beekama dha (lakk 24:25). Ta'us yaada-rimeen kun kan ijaarame miti. Ta'us YOha 6:41-71 (ammam illee qabiyyee barreefama sana irraa irbaata gooftaa wajjin kan wal qabatuu qabaachuu yoo baatee illee) 1n tokkummaa hafuuraa kanaa fuula ta'u danda'a. Kiristaanummaan dursa walitti dhuufeenya amantii dhuunfaati, sadan tokkummaa isaatti tokko kan ta'ee Waaqayyo wajjin.

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

### I Qorontos 11:2-16

**[2]Waan hundumaatti waan na yaadattaniif, barsiisa ani isin barsiisetti qabamtanii waan jirtaniif, isin nan jaja. [3]amma immoo Kristos mataa warra dhiiraa, abbaan manaa mataa haadha manaa, Waaqayyo mataa Kristos ta'uu isaa, akka beektan nan barbaada*. [4]Dhiirri waldaa keessatti yommuu kadhatu yookiis yemmuu waan Waaqayyo itti mul'se himu, yoo haguuggate mataa isaa in salphisa. [5]Dubartiin waldaa keessatti yommuu Waaqayyoon kadhattu yookiis yommuu waan waan Waaqayyo itti mul'ise himtu, yoo haguugachuu dhaabaatte garuu, mataa ishee in salphifti; isheen kun dubartii mataa haaddattee wajjin wal hin caaltuu. [6]Egaa dubartiin yoo haguuggachuu dhaabaatte, rifeensa mataa ishee murachuu iyyuu hin yeellaatu, dubartiin sababii malee rifeensa mataa ishee muratte yookiis haddatte salphachuu yoo jibbite immoo haa haguggattu. [7]Dhiirri bifa Waaqayyotii fi ulfina Waaaqayyoo kan argisiisu erga ta'ee, haguggachuun isaaf hin ta'u; dubartiin garuu ulfina dhiiraa in argisiifti*. [8]Jalqabatti dubartiitu dhiiratti argame malee, dhiirri dubartiittii hin argamne. 9Dubartiitu dhiiraaf jedhee hin uumamne* [10]Kanaaf dubartiin ergamoota Waaqayyoo duratti aboo jala jiraachuu ishee kan argisiisu, haguuggii mataa irraa qabaachuun in ta'aaf*. [11]Haa ta'u iyyuu malee, gooftaan ishee dubartittii, isa dhiiraas ishee dubartiin addaa baasee hin ilaalu. [12]Dubartiin dhiiratti akkuma argamte akkasuma immoo dhiirri dubartii irraa dhalate, hundinuu garuu Waaqayyo biraa dhufan. [13]Dubartiin utuu mataa ishee hin haguuggatin waldaa keessatti Waaqayyoon kadhachuun qajeelaa dha ree? Isinumti ofii keessanii faradaa! [14]Dhiirri rifeensa mataa isaa dheereffachuun isaaf salphina akka ta'e, akki namni itti uumame isin barsiisuu ree ree? [15]Garuu dubartiin rifeensa dheeraa yoo qabaate, kun isheedhaaf ulfina mitii ree? Rifeensi ishees akka isheen ittiin golgattuuf kennameef. [16]Nama yaada kanaan mormuu barbaaduuf garuu, nuyi waldoonni Waaqayyoos amala kan biraa hin hin qabnu.**

**11:2** ka'umsa ilaalcha boqonnaa darbee tokkoon lakk.kun dubbii dhoksaaa yookaan ciggoo ta'uun isa ajaa'ibsiisa dha. Waldaan kiristaanaa kun jecha Phaawulos hin yaadane, akkasumas barumsa isaa duukaa hin buune (11:17, 22). Kunnis kan gaaffii biraa ta'uu danda'a, waa'ee dhimmichaa waldaan kiristaanaa Phaawulosiif kan barreesite.

◘

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Aadaa jabeesitanii kan qabdan"** |
| **NKJV** | **"Aadaa qabachuu"** |
| **NRSV** | **"Aadaa eeguu"** |
| **TEV** | **"Barumsa hordofuu"** |
| **NJB** | **"Aadaa eeguu"** |

Kun gocha xumuramee kan argisiisuu dha. Amantootni Phaawulos kan isaaniif labsee dhugaa jabbeessanii qabachuu isaanii itti fufuutu irra jiraata (2 Teso 2:15). Kunni kan filachuu madaalli kakuuti.

"Aadaa" jechi jedhuu (*pardosis*) karaa baay'eedhaani dha fayyadama irra kan oole

1. 1 Qoro 11:2, 23, 15:3, dhugaa wangeelaatiif
2. Maati 15:6, 23:1, Maar 7:8, Galaa 1:14 aadaa Yihudootaatiif
3. Qolaa 2:6-8 qorannoo Ginoostikiitiif
4. Kaatolikiin Roomaa (kan Bahaatii fi Ortodoksiin Rusiha) lakk.kana akka kan macaafa Qulqulluutti barreefama mirkaneessuu godhatanii fudhatu, qulqulluu sagallee isaati aadaa waldaa kiristaanaa taayitaadhaan wal qixa ta'uu isaanii
5. Qabiyyee barreefama kanatiin inni kan argisiisuu dhugaa ergamummaati, kan dubbis yoo ta'ee kan barreefamaa (2 Teso 3:6).

◘ **"Aadawwaan"** baay'een waa'ee Yesus raga qabu, darbaa kan turee jechaan, nama dhuunfaa irraa gara nama dhuunfaati, du'a isaa irraa bara 30-60 booda amma barreefamuuti.

◘ **"Isiniifis akka isini kennetti"** asitti jechi Girikii tapha qaba, "aadaa" (*paradoseis*) fi "kennuu" ((*paredōka*)) giddii isaan lamaanuu bocii *paradidōmi*. kan ta'an. Phaawulos dhimmicha kan burqisiisee in ture, akkasumati garuu sansalata mul'atichaa kan argisiisee dha "aadaawwaan" jechii jedhuu tajaajila irratti kan inni oolee nama irraa gara namaatti kan darban dhugaa kiristaanaati (11:23, 15:3).

Phaawulos waa'ee wangeelaa ragaawwaan burqaa adda addaa irraa fudhateera.

1. Lalaba Isxifaanoos irraa (Hoji.erg. 7)
2. Kiristaanoota ari'ataman irraa (8:1-3, 9:1-2, 22:4, 19)
3. Hanaaniyaa (Hoj.erg 9:10-18)
4. Biyya Arabaati Kristoosi wajjin yeroo tureetti (Galaa 1:11-17)
5. Yerusaalemiin yeroo tureetti Phexiroosii fi Yaaqoobi wajjin (Galaa 1:18-19)
6. Baranabaas (Hoj.erg 9:20-27, 11:25-26)

**11:3 "Kristoos mataa dha"** ibsa isaa irratti, 1 fi II Qorontos fuula 110, F.F. BRUCE.akka inni cimsa itti laatuutti qabiyyee barreefama kanaatiin *kephalē* kan Ibiroota *rosh* of duukaa buusa, innis argama yookaan burqaa miira jedhuun. Hiiki kunni kan *kephalē* hundee jecha Girikii in galmoofne

1. Baawaar, Ardiit, Gingiriich, Daankeer
2. Molten, Milgaan
3. Low, Niidaa
4. Moltan

Kunnis kan argisiisuu qabiyyeen barreefamichaa akkam godhee (jechuun, 1 Qoro 11) hiikii isaa akka murteessuu dha, galmee jechootaa osoo hin ta'in. Qabiyyee barreefama kanaatiin "burqaa" yookaan "argannoo" caalatti kan inni wal simuu lakk. 3wajjin. Seera uumamaa 1:26-27, 2:18 (Kaasiir, Daavis, Bruce, fi Brooch, jechoota macaafa qulqulluu cimaa fuula 599-602).

Yesus immoo bakka bu'aa abbaa turee, uumama irratti (Yoha 1:3, 10, 1 Qoro 8:6, Qolaa 1:16, Ibir 1:2). Namoonni, dhirootaas ta'ee dubartoonni isaan uumamaniiru, fakkeenya isaati. Ta'us, ilmi abbaaf in aboomama (1 Qoro 3:23, 11:2, 15:28). Kunnis sirri kan ta'ee aboomamu gara dhiirootaaf dubartiitti darba. Isaan lamaabuu kan uumaman bifa Waaqayyootti (Uumama 1:26-27) haa ta'uu malee aboomiin jira, dhiirri in dursa, isa irranis dubartiin (Uumama 2:18) gochaa wajjin kan wal qabatee (yoo xinaate seera kan Paatirarikii), wal qixa kan jiru ta'u garuu miti! Itti fufee kan jiru mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: MATAA (*KEPHALĒ*)

"Mataa" (*kephalē*) kan jedhu hiika irratti kan jabaatan xin-waaqummaa ibsi adeemsifameera. Sagalichi kan ibsaa jiru akka

1. Isaa fi kan Kakuu Moofaa wal qixa kan Ibirootaa kan ta'ee Rosha, hiiki isaas ta'uu kan qabu
   a. Mataa
   b. Dura taa'aa
   c. Jalqaba
   d. Hanga wali galaa
   (*Dictionary of Old Testament Theology and Exegesis,* jildii 3 fuula 1015-120)
2. LXX *rosh* kan inni hiikuu jecha Girikii
   a. *archē* (isa jalqabaa, Faarf. 137:6)
   b. *prōtotokos* (dursaa, 1 Seena baraa 5:12)
   c. *kephalē*' (mataa)
      1) Mataa namaa
      2) Mataa bineensaa
      3) Mataa gaaraa
      4) Mataa maama (Maati 21:42)
3. Kakuu Haaraati *kephalē*

a. Mataa namaa (1 Qoro 11:4, 5, 7, )
b. Mataa bineensaa
c. Dubbii haalaatiin nama hundumaaf
d. Jalqaba yookaan burqaa (1 Qoro 11:3)
e. Eda'ama (Room 13:9)
f. Geggeessaa
g. Abbaa manaa (Efes 5:23)

(*Dictionary of New Testament Theology* jildii lama fuula 156-163)

◘ **"Dhiirri mataa haadha manaati"** "dhiirri" fi "dubartiin" jechi jedhuu hiiki isaa ta'uu kan qabuu abbaa manaatii fi haadha manaa dha (NRSV, NRSV). Qabiyyee barreefama kanaatiin cimsa barbaadamee miti, haa ta'uu malee Seera uumama 2 waa'ee uumamaa kan calaqisiisee duraa booda isaati.

◘ **"Waaqayyo mataa Kristos"** kun dhugaa irra deddeebi'amee dha (1 Qoro (3:23, 11:3, 15:28). Duraa booda Waaqa sadan tokkoo kan ittin hin qixaannee wajjin walitti dhufeenya tokkuu iyyuu hin qabu, haa ta'uu malee qoqodamsa hojiiti dhugaan kunni immoo walumma galatti sila waa'ee dhiiraa fi dubartii ibsa godhe irratti ilaaleera. Wali wajjin ta'uun dhugummatti bifa qaba ture, Uumama 3 kufaati dura. Walitti dhufeenya deebi'een lama dhaabbateera, abbaadhaa wajjin karaa ilmaa (jechuun, Yesus bifa isaa deebiseera, lamaanuutiif dhiiraaf dubartii amantoota).

**11:4**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Mataa isaa haguggatee dhirrii kadhatuu hundumtuu…. Mataa isaa salphisa"** |
| **NKJV** | **"Mataa isaa haguggattee kan kdhatuu yookaan raajjii kan dubbattu dhiirrii hundumtuu mataa isaa salphisa"** |
| **NRSV** | **"Namni kam iyyuu yeroo kadhatuus ta'ee yeroo raajjii dubbatuu mataa isaa yoo haguggatee mataa isaa salphisa"** |
| **NRSV** | **"Ta'us namni kam iyyuu yeroo kadhatuu yookaan ergaa Waaqayyoo waaqeffannaa galmaa irratti yeroo dhi'eessuu mataa isaa yoo haguggatee Kristoosiin salphisa"** |
| **NJB** | **"Namni kam iyyuu yeroo kadhatuus ta'ee yeroo raajjii dubbatuu mataa isaa yoo haguggaatee mataa isaa salphisuu isaa argisiisa"** |

Kunni "mataa" irratti tapha jechaati. "Mataa" jechi jedhuu fayyadamni laman kan argisiisuu Kristoosiini dha (NRSV). Phaawulosi kan inni dubbachaa jiruu aadaa Roomeeti, kunnis immoo bocii isaas ta'ee fakkeenyi isaas aadaa Yihudootaa wajjin raawwatee faallaa kan ta'ee (jechuun, dhiironni mataa isaanii in haguggatu). Dhimmi beekamaan eenyuutu eenyuun mataa haguuggee osoo in ta'in garuu fakkeenyi isaa (1)Argannnoon isaa yookaan (2)aboomamuun, isaan lamaan kun haala xin-waaqummaa n bu'aa kan qabanii dha.

Kan Qorontos haalli seenaa yaada itti kenneera

1. Hawaasummaa, siyaasaa fi geggeesitoota horii kan ilaalatu waaqeffanicha mataa isaanii haguggatanii in geggeessuu turan, mataa isaani namoota irraa adda of baasuuf jecha
2. Innis Yihudoonni galma waaqeffannaatti dubartoota Qorontos marata qabu turan, akkasumas Yihudoonni amanani isumma kana waldaa kiristaanaatti akka ta'u amananiiru.

Lakk.kana irratti faallaan xin-waaqummaa jira, innis jaabachuudhaaf kan barbaaduu kan fakkatuu, dubartoonni bakka geggeesummaa galma waaqeffannaa gahee isaan qabanii dha, haawasichi ufannaan inni simatee 14-34-35 wajjin bifa wal madaaluun, dubartooti sun (yoo xinaatee "haadha manootani" lakk.35) waldaa kiristaanaatti akka in dubbanne dhowwamaniiru.

Namooti tokko tokkoo boqonnaa 11 akka mirkaneessaa barreefamatti fudhatu, boqonnaa biraa 14 yeroo fudhatan. Dirqamatti fudhachuun kan irra jiraatuu furtuun keeyata kanaa kan jaarraa tokkoo kan aadaa Qorontos yoomii fi eessaa ta'uu isaati. Haa ta'uu malee isa kamtuu fuula adda ta'ee akka ta'ee har'a nuuf ifaa miti. Waldaan kiristaanaa jaarraa tokkoo geggeesummaa dubartootsa in beekti, Kakuu Moofaatii fi Phaawulos tajaajiloota dubartootaa heeruu isaa hubachuun (Room 16). Isaaniis dhimma Qorontosiin tureef aadaa Roomee hubatani turan, nuti akka hin hubanne. Safartuun sirri miti!

Macaafni dhihoo After Paul left Corinth: The Influence of Secular Ethics and Social Change, (Phaawulos Qorontosiin akka gadi dhiiseen: namuusa biyya lafaatii fi dhiibbaa jijjiirama gamtaa) Bruce W. Winter fuula 121-

141 baay’ee kan gargaaruu qabiyyeee dhi’eesse, seera barreefama Roomee fi ogummaa. Kanaaf keeyati biraan (jechuun, E. Fanthan, “The New Women:Representation and reality)” in women in the classical world (“ ‘dubartii ishee haaraa’ bakka bu’iinsaa fi dhugaa isaa” dubartootaan biyya lafaa duratti, boqonnaa 10 fi P.W. J.Gill, “The important of Roman Portraiture for head coverings in 1Corinthins 11:2-16” (kan Roomee ibsa suuraani faayidaa, mataa waa’ee haguggachuu 1 Qoro 11:2-16, TwnB 41.2 (1990)fuula 245-260 fi “In Search of the social Elite in the Corinthian church” (waldaa kiristaanaa Qorontos gamtaa filatamaa waa’ee barbaachuu) TwnB 44.2 (1993). (fuula 323-337), hiikoota ammayyaa kan argisiisu, kan jaarraa tokkoo Qorontos haala aadaatiin akkamitti Roomee akka turtee dha, Girikii utuu hin ta’in.

Qabiyyee dosee kanaatiin kan jaarraa tokkoo kan Roomee Qorontos, jechuun kan danda’amuu, Phaawulos wal simsiisee kan turee dhimma aadaa barreefama kanaan ilaaluu jalqabuu isaati.

1. Phaawulos qabiyyee barreefama kanaatiin waa’ee aadaa Yihudootaa yookaanis aadaa Girikii raawwatee dubbataa hin jiru.
2. Phaawulos ibsaa kan jiruu garee lamaan isaanis ejjeennoo gamtaa hayyuu kan qabanii dha
   a. Dureessa, sadarkaan gamtaa hayyuu, amantootni dhiironni isaanis aboo isaanii taayitaadhaaf kan dhi’eessan waaqeffannaa tokkummaa yeroo geggeessan mataa isaanii kan haguggaatani, innis sadarkaa gamtaa aadaa akka ta’ee kunnis immoo kan Girikii Roomee waaqeffannaa amantaa geggeessaa akka turee hundumaa. Isaan mataa isaanitti taayitaa kan godhatan.
   b. Dureessi dubartoota beektoota seera aadaa marata ta’ee in kaassuu turan, wal qixxummaa isaani argisiisuuf, Kristos qofaan uun ta’in, ibsa gamtaa dabalatee, akkuma warra bkan yeroo dubartoonni Roomee.
3. Kan Roomee lammiin Qorontos, isaaniis waa’ee kiristaanaa seera waaqeffannaa amantii beekuuf dheebbuu qabu turan “ergamaa” ergee ta’a (jechuun, lakk.10 kan jiruu ergamaan tarii kan inni argisiisuu tajaajiloota yookaan bakka bu’oota gooftoota bakka kan bu’a) walgahicha akka mirkaneesaniif.

Kun kan seenaa/aadaa/sadarkaa gamtaa baay’ee rakkiisaadhaaf kan faalleessan kan taaanii fi barreefamooti miira gaarii uuma. Innis immoo barreefamoota biraa 1 Qoro kan jiran wali gala, kunnis immoo kan adda ta’ee kan jaarraa tokkoo Qorontos yoomii fi eessaa kan callaqisiisuu!

## MATA DUREE ADDAA: DUBARTOOTA WANGEELA KEESSATTI

I. KAKUU MOOFAA KEESSATTI
   A. Aadaadhuma ta'ee dubartoonni akka qabeenyaatti ilaalamu
      1. Akka qabeenyaatti lakkaa'amu (Ba'u 20:17)
      2. Akka garbaatti hacuucaman (Ba'u 21:7-11)
      3. Dubartootaaf waggaadhaa akka Itti gaafatamummaa hawaasaa fudhata kakuu
      4. Dubartoota akka gargaartota Lola keessatti tajaajila (Lakk. 30).
   B. Gochaan immoo milchaattotadha
      1. Dhiirris, dhalaanis bifa Waaqayyootii uumaman (Uma. 1:26-27)
      2. Abbaa keef haadha kee kabaji (Ba'u 20:12, Kees. 5:16)
      3. Abbaa keef haadha kee kabaji (s.Lew 19:3; 20:9)
      4. Dhiironni, durboonnis Naazireetota (Raajota) ni ta'u (S.Lakk. 6:1-2)
      5. Dubartoonni mirga dhaaltummaa ni qabu (S.Lakk. 27:1-11)
      6. Qaama Namoota kakuuti (S.Kees. 29:10-12)
      7. Barsiisa Abbaa kee fi haadha kee hubadhu (Fak. 1:8; 6:20).
      8. Dhiironnii fi Dubartoonni Hemaan (Maatii lewwii) Mana quqlullummaa keessatti gaggeessitoota Farn turani (1Seen 25:5-6).
   C. Dubartoota ga'ee gaggeessummaa keessatti
      1. Obboleettiin Musee, Miiriyaam, Raajii jedhamteetti (Ba'u 15:20-21; akkasumas yaadannoo Miiki 6:4).
      2. Dubartoonni mi'a mana quqlullummaa akka hojjetaniif kennaa Waaqayyo irraa fudhatanii eeganiiru (Ba'u. 35:25-26)
      3. Dubartiin Dibooraa jedhamtu Raajummaan gaggeessiteetti (cf. Abo. 4:4-5, 5:7).
      4. Huldah, Ishee Motichi Iyyaasuun, Macaafa Seeraa haaraa argame akka isheen dubbistee hiiktu taasise, Raajii taatee gaggeessifeetti (cf. 2Mot. 22:14; 2Seen. 34:22-27).

5. Moottittiin Asteer, dubartiin filatamtuun sun, peershiyaa keessatti Yihudoota oolchiteetti.

II. KAKUU HAARAA KEESSATTI

A. Gama aadaatiin Judizimii fi Giriikoo-Roomaa keessatti, Dubartonni akka lammiilee sadarka a 2 kanneen mirga xiqqoo qaban keessatti ramadamu (Meesoodooniyaa qofatu akkas hin turre).
B. Dubartoota ga'ee geggeessummaa keessatti
   1. Elzaabeetii fi Maariyaam, dubartoota Waaqayyoot jiraatan (Luq. 1-2)
   2. Hannaa, dubartii amantii, mana quqlullummaa keessa tajaajilaa turte (Luq. 2:26).
   3. Liidiyaa, Amantuu fi gaggeessituu mandar kadhataa (HoE 16:14,40).
   4. Dubartoota Filiphisiyus Arfan Rajaii turan (HoE 21:8-9)
   5. Feebeen, Daagonii waldaa Senkriyaa (Rom. 16:7).
   6. Piriska (piriskitla) Phaawuloos wajjiin kan hojjechaa turtee fi barsiistuu Apoloos (HoE 18:26,Rom. 16:3).
   7. Maariyaam, tiriifeenaa, tirifoosaa, Persis, Juliyaa, Obboleettii Mareyus, Dubartoota Phaawuloos waliin hojjetan danuu (Rom. 16:6-16).
   8. Juniya (KJV) Dubartii ergamtuu ta'uu dandeesse (Rom. 16:7).
   9. Iyuudiyaa fi Siintakee (syntyche) warra Phaawuloos waliin hojjechaa turan (Filip 4:2-3).

III. Amantoonni bara kanaa fakkeenya wangeelaa kana akkamitti madaalu?

A. Namni tokko dhugaa karaa seenaa fi dhugaa karaa aadaa jiru akkamitti kan jalqaba haala barreeffamaa ta'e qofaan dhugaa bara baraa waldaalee hundaafuu dhugaa ta'e irraa, amantoota baroota hundaatti, murteessuu danda'a?
   1. Yaada barreessaa jalqabaa, sirritti sadaan (Seriously) fudhachuu qabna. Wangeelli sagalee Waaqayyoo fi kan madda amantiif gcohaa ta'es isa qofa.
   2. Barreeffamoota gama seenaan ifatti kaa'aman/haaleffaman qo'achuu qabna.
      a. Kaaltasii (i.e jilaa fi qophii) Isiraa'elootaa (cf. HoE 15, Gal. 3)
      b. Judisimii jaarraa 1 keessa ture
      c. Seenaa Ifatti Phaawuloos 1 Qoronxoos keessatti ibse
         1) sirna seera Paagaanota Roomaa (1Qor. 6).
         2) Garbummaan hafuu (1Qor. 7:20-24)
         3) Lubummaan (1Qor. 7:1-35)
         4) Durbummaa (1Qor. 7:36-38)
         5) Waaqolii tolfamoof nyaata dhiyaate (1Qor. 8; 10:23-33)
         6) Gocha Irbaata gooftaa irratti ta'u (1Qor. 11).
   3. Waaqayyo guyyoota adda addaatti aadaa adda addaa keessatti, Guutummaan guutuu fi ifumana ifatti ofiisaa ibsera. Mul'ata jriu fudhachuu qabna, garuu kuufama seenaa isaa mara akkuma jirutti miti. Jechi Waaqayyoo jecha namootaatiin barreeffamee, aadaa murtaa'eef, yeroo murtaa'etti kennameera.
B. Hiikaan wangeelaa, yaada tarreessaa jalqabaa fakkaachuu qaba. Baroota isaa keessatti maal jedhee ture? Kunis hiika sirrii keessatti hundeeffama jalqabaa fi kan baay'ee barbaachisaa ta'edha. Kana booda, nutis baroota keenya keessatti hojiirra oolchuu qabna. Amma asitti rakkoon gaggeessummaa dubartootaa ni jira (kan dhugaan hiikame, jecha hiikuudhaani, paastarootaan olitti eessatti hojjetu isa gaggeessaa ta'ee beekkameen olitti? Daaqononni ykn raajonni eessatti akka gaggeessaatti tajaajilu?)
kan Phaawuloos 1Qor. 14:34-35 fi 1Xim. 2:9-15tti kaa'e ifa kan ta'e dubartoonni kadhannaa keessatti gaggeessuu akka hin qabne ibsa. Garuu har'a ani kana akkamittan hojiirra oolcha? Ani gama kootiin aadaa Phaawuloos kana hin barbaadu ykn fedhii fi sagalee Waaqayyoo aadaa ilaalee hin daangeessu.

Bara Phaawuloos keessa baay'ee daangeeffamaa ture, garuu bara koo keessa immoo bilisaawaa ta'uu danda'a. Jechaa fi barsiisni Phaawuloos kun kan haala irratti hundaa'e ta'uu danda'a, jaarraa 1 keessa haalota naannoon wal qabatee dhugaa ta'uu danda'a. Ani eenyu kan sammuu koo ykn aadaa koo yaada barreessaa fallessusy,

Ta'uyyuu, yommuu wangeelli gaggeessummaa dubartootaaf kennu (Barreeffamoota Phaawuloos Keessattillee taanaan Rom. 16) maal gochuun qaba? Kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u ibsa Phaawuloos

waliin kadhannaa 1Qor. 11-14tti kaa'dedha. 14:34-35 irratti akka isaan callisan godhuyyuu, 11-14 irratti mataa isaanii haguuggatanii akka isaan kadhatan waan eeyyame fakkaata. Daaqonoonni (Rom. 16:1) fi raajonnis (HoE 21:9) ni jiru. Kunis yaadota garaagaraa akkan yaada Phaawuloos adda baafadhaaf kan na gargaaree (akka daangaan dubartoota irra jiru) akka Qorontosii fi Efesoon keessatti daangaan jiru hubadhee. Waldaalee lamaan keessattuu, Rakkoon cimaan, dubartoonni bilisummaa haaraa isanaiif kenname hundeeffachuu keessatti ni mul'ata (cf. Bruce Winter, After Paul Left Corinth) kunis rakkoo cimaa, waldooleen akka ergaa Yesuus galmaan ga'uu irratti dhadhabdu godheera. Bilisimmaan isanaii daangeeffamuu, wangeelli ga'umsa ni qaba. Baroota koo keessatti, Phaawuloosiif faallaa ta'u, Baroota koo keessatti wangeelli yoo jeeqame ni daangeeffama, dubartonni leenji'anis wangeela lallabuuf hin eyyamamuuf, gaggeessuufis hin eeyyamamuuf! Kaayyoo cimaan kdhata waliinii maalinni? Dhuga-bu'umsaa fi duuka bu'ummaa mitii? Waaqayyoo gaggeessummaa dubartootaan ulfaachuu fi itti gammaduu danda'aa?

Guutummaan wangeelaa kanaaf deebii "eeyyee" jedhu kenna. Phaawuloosiif harka kennachuun qabaa jechuudha. Sirni barsiisa koos hundeen isaa sarara Phaawuloosiin wal qabata. Seera dubartoota Amayyaanis garmalee dhiibamuu hin qabu, ta'uyyuu, waldaa kiristiyaanaa dhugaa wangeelaa mul'ataa kanaaf deebii kennuu ni qabbaneessiti. Addunyaa ammayyaa keessatti Dhiibbaa ykn hamaan ol deemuu dubartootaas ni hir'istee ilaalti. Waaqayyo karaa Kiristoosiin Garbootaa fi dubartootas bilisa baaseera. Kanaaf haalota aadaa ilaalee dubatti isana ittisuu hin qabu. Qabxii cimaan tokko immoo; akka hiikaa tokkootti, Qoronxoos akka isheen waldaa baay'ee jeeqamtuu turte nan beka. Kennaawwan obsaa (charismatic gifte) mirkanaa'ee kennameeraaf. Dubartoonni as keessatti tarii oli qabamuu danda'u. Akkasumas Efesoon barsiisota sobaan akka jeeqamaa turte nan beeka. Kunis akka dubartoonni mandara kadhataatti, dhiifama kadhataniif carraa baneera.

C. Yaada wantoota dubbifamaniif,
*How to Read the Bible For All Its Worth* by Gordon Fee and Dougstuart (pp 61-77). *Gospel and Spirit Issues in New Testament hermeneutics* by Gordon Fee hard Saying of the Bible by Walter (C. Kaiser, Peter H.Davids, F.FBruce, and Manfred T.Branch (pp 613-616; 665-667).

**11:5 "Mataa ishee utuu hin haguggatiin kan kadhattu yookaan raajjii kan dubbatuu dubartii hundumtuu"** kun ciminaan kan argisiisuu wal ga'ii uummataa irratti mataa ishee haguggattee akka kadhattuu yookaan raajjii akka dubbatuu dha. "Raajuu" jechi jedhuu barreefama kana irratti kan inni jedhuu "wangeela qoqoduu" yookaan "hawaasa duratti lallabuu dha (14:39). Lakk.4 fi 5 wal bukkee kan deemuu dha, dhiiraa fi dubartoonni waaqeffannaa gamtaati yeroo hirmaatanitti maal akka godhani. Mata duree addaa: kan Kakuu Haaraa raajii 1 Qoro 14:1 ilaali.

◘ **"Mataa ishee salphifti"** Qorontos bittaa Roomee jala turte kanaafiis aadaa Roomee calaqisiifti. Dubartoonni Roomee dargagummaa ijoollummaa isaanitti heerumu. Maratichi haala gaa'ilaa kallatti aadaa ture. Innis dubartoota Roomeeti manaa alaatti akka ufatamuu in eegama ture. Kana irraa kana hafee yeroon kan ilaalamuu

1. Dubartii nama qaneesitu
2. Dubartii gaalamoottu
3. Hiriyaa wal qunamtii saala wal fakkaataa kan ishee irraa
4. "Haaraa" dubartii (jechuun, sochii gamtaa, birmadummaa wal qixummaa, hawaasa Roomee biratti jaarraa tokkootti in hordofama ture)

Karaa kanaan baatee mataa ishee akka hin argisiifne dubartiin abbaa manaa ishee bakkee irratti in salphifti turte, akkasumas waldaa kiristaanaatiif suuraa hin taanee uumti turti, kan ilaalaniif hawaasicha biratti. Kristoos dhiirootaas ta'ee dubartoota birmaduu baaseera,haa ta'uu malee tokkon tokkoon Kristosiif jedhee birmadummaa isaa dirqama daangeessutu irra jira. Dubartootaa fi dhiirootni, haadha manoota fi abbaa manootni, isaaniis amantoota kan ta'an kan waamaman fayyummaa mootummaa isaatiif guddina! 1 Qoro 8:10 yaadi isaa isa kana, akkasumas boqonnaa 11 irratti itti fufa.

◘ **"Isheenis mataa ishee akka dubarti haadateeti"** kun keeyata hojii irra oole kan xumuramee dha. Gaaleen kun hubachuudhaa fi fillannoo baay'ee qaba

1. Innis kan argisiisuu dubartii gaalamootuu naannoo ufata isheeti

2. Innis dubartii galaamootuuf bakkee irrati gocha aadaa qaneesuti
3. Innis kan argisiisuu dubartiiyeelasiiftuu addunyaa Meeditiriyaniyaatti amala isaan qabani dha “dhoksa amantiitiif” duuka buutoota
4. Innis kan argisiisuu haala aadaatiin dubartoota kiristaana irraa kan hin eegamne , rifeensa isaanii baay’ee gababsatanii kan muratamaniif birmadummaa isaanii isa haara yeroo argisiisanitti (jechuun, gar tokkootti jechuu aadaa, jaarraa 1 Roomee fi kan ishe jala jiraatan)

Fillannoon ibsa baay’ee lakk.1 cimsa laata. Innis kan cimsuu kun baay’ee kan argisiisuu mana qulqullummaa Diyaanaa ejitoota. Ta’us manni qulqullummaa kun lafa Akiropolis turee sochii lafaatiin diigameera, yeroo Phaawulos irraa waggaa dhibbaa fi shantama dura, akkasumas waan tokkoo illee ragaan seenaa in argamne (amma ammatti kan hojjete). Akkasumas immoo ejitootni Girikii mataa isaanii haalli isaan ittiin haadaan jiraachuu isaa ragaan tokkuu iyyuu hin argamne.

Gaaffii furtuu kan ta’uu “Phaawulos mata duree akkami ibsaa jiraa? Kan jedhuu dha”

1. Sirrii yookaan haala aadaatiin fudhatama kan qabuu uffannaa waaqeffannaatii fi gocha
2. Birmadummaan namootaa akka malee fayyadamuun
3. Sirrii kan ta’ee walitti dhufeenya gidduu
   a. Dhiiraa fi dubartii
   b. Abbaa manootaa fi haadha manoota
   c. Ergamootaa fi dubartoota (lakk.10)
   d. Aadaa fi dubartoota (lakk.13)

Anni lakk.13 akka fillannoo faaya’eeti hubadheera, lamaanuu abbaa manootaa fi haadhi maniiti in dubbatu, akkasumas haadhii manootni kiristosiin kan argatan birmadummaa haaraadhaan akka hin hoofamne, haa ta’uu malee faayidaan aadaa gara bukkeetti dhiisuudhaan, akkasumas waldaa kiristanaatii fi tokkummaa fi guddina gara fuulduratti hojjechuuf irra jiraata.

**11:6 “Akka…akka”** lakk.kana lamaa ramaddii tokkoo haalaa galleewwani qabu, yaada barreessaa yookaan kaayyoo barreefamichaa sirridha jiedhanii kan yaadan.Dubartoota kiristanotaatu turee mataa keenya marachuu hin barbaannuu kan jedhan, haa ta’uu malee yeroo tokkummaa waaqeffannaatti hirmaachuu kan barbaadan. Haala hawaasichaatiin fudhatamni hin ture. Amantootni Kristosin kan ta’ee birmadummaa isaanii haaraa daangeesutu irra jiraata.

1. Waldaa kiristaanaa keessatti kan dadhaban (Room 14:1-15:13)
2. Gatii aadaa hawaasichaa fi, jechuun waldaan kiristaanaa hojii wangeelaa akka hojjeetuu fi akka walitti qabduu

◘

**NASB** **“Utuu mataa ishee hin maratiin”**
**NKJV** **“utuu hin maratiin”**
**NRSV** **“Mataa ishee yoo marachuu baatee”**
**NRSV** **“Mataa ishee yoo marachuu baatee”**
**NJB** **“Yoo marata malee taatee”**

Fuula marachuu kan ilaalatee ragaan seenaa (jechuun, marata) yookaan uffata mormaa, marata mataa, hawaasa Medetiraniyaan durii biratti baay’ee barbaachisaa ture. Ragaa dhi’otti ta’an giddutti 11:4 irratti kan jiruu yaadannoo irratti teechifameera. Kan heerumtee dubartiin Roomee abbaan manaa ishee kan hin duunee fi kan in sagaagillee haala aadaatiin galma keessatti marata akka godhatuu in eegama. Kan heeruman ta’uu isaanii mallattoo haa ta’uuf. Addunyaan Meedetiriyaaniyaa durii baay’ee xiqqoo qofa dubartoota hin heerumiin turan.

Aadaa Yihudootaati maratti fuulaa mallattoo kan ta’uu

1. Dhukkuba lamxii, Leewota 13:45
2. Kan du’eef gadduuf (Hisqel 24:17, 22)
3. Qaanniidhaaf, Miikiyaas 3:7
4. Gaa’ilaaf Uumama 24:65
5. Ejjaaf uumama 38:14-15

Ta'us, Phaawulos heeraa kan jiruu aadaan Yihudootaa raawwatee akka hin taanee yaadadhuu, sababii isaa aadaa sanatti dhiironnii yeroo waaqeffannaatti mataa isaani waan haguggataniif.

◘ **"Akkasumas immoo mataa ishee haa haadattu"** kun gocha xiyaafata giddu galleessaati. Kun akkuma jirutti in fudhatama jechuu miti. Phaawulos hawaasicha kan qaaneessuu dubartiin kiristaanaa abukaatoo dhaabataafi jira miti, haa ta'uu malee inni cimsa kan itti laatuu gocha sirrii hin taanee kan inni fiduu aadaa dha.

◘ **"Akkasumas mataa ishee haa haguggatuu"** kun kan ammaa xiyaafataa gidduu galleessaati. Dubartootni kiristaanaa, Kristoosiif jedhanii aadaa fudhatama qabuu hordofuu, namoota fayyinnaaf ga'uudhaaf miseensummaa waldaa kiristaanaatiif. Boocichii aadaan aadaa irraa, umuriin umurii irraa in jijjiruu! Galmii isaa garuu akka jirutti hafa (Maati 28:18-20, Luqa 24:47, Hoji.erg. 1:8).

**11:7 "Inni fakkeenya Waaqayyootii fi ulfina isaati"** kun kan argisiisuu Seera uumamaa 1:26-27 yeroo ta'uu, qabiyyeen lakk. Kanaa uumama 1:26 "nama" jechii jedhuu wali gala. Haala barumsaa Waaqayyummaaatiin eenyuudhaaf "bifaa fi fakkeenya" jechuu isaa adda baasee ifaa miti, seera uumama 1:26-27 kan inni argisiisu. Beektoonni baay'een isaan kan wajjin deemsisan kan dhuunfaa damaqina sammuu irraa yaaduu safuu, dandeetii fillachuu, kan biroo irraa "anummaa" wajjiin kan deemuu dandeetti wajjini dha. Ifaa kan ta'ee wali galteen walinni jira, dhiirootaa fi dubartoota gidduu lamaan isaanii giduu Seera uumama 1:26-27 fi 2:18. Rakkinichii kan inni dhufuu Seera uumamaa 3:16 dha! Mata duree addaa ulfina 1 Qoro 2:7 ilaali.

**11:8**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Dhiirri dubartii irraa hin argamne dubartiin dhiirra irraa malee"** |
| **NKJV** | **"Dhiirrii dubartii irraa miti, dubartiin dhiirra irraa malee"** |
| **NRSV** | **"Dhugumatti, dhiirrii dubartii irraa in argamnee, dubartiin dhiirra irraa malee"** |
| **NRSV** | **"Dhiirrii dubartii irraa in uumamanee dbartiin dhiirra irraa malee"** |
| **NJB** | **"Dhiirrii dubartii irraa in uumamne, dubartiin kam iyyuu dhiirra irraa hin dhufnee hoo"** |

"Argamuu" jechii jedhuu barreefama Girikii irraa miti, inni akkasumatu Ek waliinga (jechuun, ba'uu), akka lakk.12tti. Phaawulos cimsa kan laatu duraa boodaa uumamaati lakk.7 fi 9 seera uumamaa 2 (jechuun, Addaami duraan dursa, itti fufee Heewwaan). Kan ta'es ta'ee lakk. 8-9:11, Phaawulos cimsa kan laatu wal deggeeruu wali isaanitti (kunnis Uuma. 1:27 fi 2:18 kan heeruu dha).

**11:9 "Dhiirrii waa'ee dubartii fi in uumamnee"** yaadachuun kan nurra jiruu ibsa Phaawulos Galaa 3:23 wal qixummaa duabartootaa kan ilaalatee saala giddutti gara garummaa uumamaa gadi in qabu, yoo xinnaatee illee sadarkaa kanaan. Dhiirraa fi dubartoonni Kristosiin kan isaan qaban wal qixummaa guutuu hundumaa kan aadaa/kan baratamee gahee eegamuu batalumatti dhabamsiisuu in danda'u. Amantootni (dhiiraa fi dubartii) birmadummaa kan dhuunfaa ofin hin jajan, innis maqaa waldaa kiristaanaa xurreessuu kan danda'uu aadaa warra hin amannee biratti. Amantootni bilchaatanii birmadummaa isaanii Kristoosiin dangeessuu mootummaa isaaf jedhanii. Amantootni itti gaafatamummaa walitti makamee qabu (1)Qaama Kristoosii fi (2)hawaasa in amanneef.

**11:10 "Kanaafis dubartiin mataa ishee irratti mallattoo taayitaa qabaachuu tuu ta'aaf"** barreefamni kun akkumma kan biraa hundumaa qabiyyee barreeffama kanaatiin karaa adda addaatiin hubachuu danda'a. Dhimmi furtuun "taayitaa" kan bakka bu'uu (jechuun, Exousia) maalii dhaa? Kan jedhu dha.

Tokkoon, yaadatamuu kan qabuu exousia yeroo hundumaa dunamis wajjin adeemuu isaati. otpoBetz keeyata ajaa'ibsiisaa qaba, exousia kan ilaalatee New Internationaal dictionary Of New Testament Theology, (barumsii Waaqayyummaa Kakuu Haaraa adduunyaa wali gala haaraa galmee jechootaa) guca lama , fuula 606-611. Assitti fakkeenyoota shantuu jira.

Inni amala Kakuu Moofaati, innis exousia fi dunamis lamanuu hojii Kristoosii wajjin wajjin deemuun isaanii seera haaraatti toora galuu humnoota Waaqa irraa qindaa'umaa fi humnaan guutamuu amantootaa" (fuula 609)

"*exousia* kan amantootaa. Kan kiristaanaa taayitaa irratti kan hundaa'ee bittaa Kristoosi humnoota hundumaa hdhannoo hiikachiisuuf. Innis kan argisiisuu lamanuu birmadummaa fi tajaajila" (fuula 611).

"Ta'us gocha irratti kunni haala xin-waaqummaa tiin kan hin dhorkamne birmadummaan tilmaama keessa galchuudhaan kan bitamu nama biraatii fi kiristaanoota kan gargaaruufi guutummaa gamtaa amantootaaf, wali gala oolchuu fi sichi dhufa kan jedhuu ilaalcha dhugaa dha 1 Qoro 6:12, 10:23)" (fuula 611)

"'Hundumtuu naaf hiyyamameera [exestin] anaaf,' haa ta'uu malee wantii hundumtuu in fayyadu. 'Hundumtuu hiyamameera [*exestin*]' wanti hundumtuu hin qulqulleessu. Eenyuu iyyuu bu'aa mataa isaa duwwaa hin barbaadiin haa ta'uu malee bu'aa hiriyaa isaa malee" (1 Qoro 10:23). Luqissii kana keessaatti luqissiin jiru tarii qorontosiin kan turan dhaadannoo warra birmadootaa ta'uu danda'a. Phaawulos kan inni faalleessuu dhugaa isaanii ol ol qabuudhaan, haa ta'uu malee dhugaa guutuu ta'uu dhiisuu isaa argisiisuudhaan" (fuulaa 611).

Phaawulos jechoota lamaan kanaa yeroo baay'ee xalayaa Qorontos irratti fayyadameera.

1. *exousia*,1Qoro 7:37, 9:4, 5, 6, 12 (ala lama) 18:11:10, 2 Qoro 13:10
2. *dunamis*,1 Qoro 1:18, 2:4, 5, 4:19, 20, 5:4, 15;24, 43, 2 Qoro 4:7, 6:7, 8:3 (ala lama) 12:9, 13:4 (ala lama)

Mirgaa fi taayitaa warra seeraatii fis ta'ee warra birmaduf dhimma guddaa ture. Phaawulos warra hamoota lamaan giddutti toora gaariin adeemsiisuu yaadeera. Qabiyyee barreefama kanaatiin dubartootni kiristaanaa kan isaan jajjabaataan Waaqayyoo kan inni kennee seera uumamaa akka fudhatanidha (jechuun, Kristoos- dhiiraa-dubarti) kaayyoo mootummaa isaa babalisuuf. Phaawulos ka'umsa irraa wali galtee walli wajjinitti cimsa laateera (uumama 1:26-27, 2:18) lakk.11-12. Innis haalaa xin-waaqummaa tiin rakkisaa kan ta'uu

1. Qabiyyee barreefama kanaatiin lakk.tokkoo itti adda baasuun
2. Tooftaa boqu jabummaa murtii kutaa amantii dhiirootaa fi dubartoota/abbaa manottaa fi haadha manoota walitti dhufeenya giddu jaaraa tokkoo aadaa ture, aadaa hundumaatii fi jaarraa hundummaatiifis fayyadamuu.
3. Madaalliin Phaawulos birmadummaa kiristaanaa fi kiristaanaan kan guduunfamee itti gaafatamummaa kakuu giduutti kan inni kaa'ee hiraanfachuun.

Dubartoonni kiristaanootaa tokkummaa yeroo waaqeeffannaatti akka geggeessatti birmadummaan ittiin hiirmatuu meeree kan isaan argatan? (jechuun, waldaa kiristaanaa manaatti). Yoom illee galma waaqeffannaa akka hin taanee dhugaa dha. Jaarraa tokkoo irraa haawaasi Romee gar tokkootti jechuu aadaa ta'aa? Kun ta'uu kan qabu akkasumas ilaalcha kootiin boqonnaa kanaa fuulli baay'een ibsuudhaaf gargaara, kan biraa jechuun kan danda'amuu humna wangeelaa, "bifa Waaqayyoo" deebisuu, innis yeroo kufaatitti burqaa bade turee in deebifna. Naasisaan wal qixummaa haaraa bakka hundumaatti jireenya namootaatii fi hawaasa biratti jrraata. Haa ta'uu malee cabiinsa dhuunfaa hiyami waraqataa itti jijjiirameera. Kun sirrii kan hin taanee kan wal qabatee Phaawulos kan inni dubbachaa jiruu dha.

F.F Bruce, Answers to Questions (gaafiidhaaf deebii) sirridhummatti na gargaareera, baay'een dhimma faalaa keessatti akkaan yaaduu, kan ammayyaa kiristaanummaa warra lixaa aadaa waldaa kiristaanaatti wajjin kan qabate. Akka ibsaa tokkootti ani yeroo hundumaa kanaan yaaduu marachuu dubartii argisiisuudhaaf kan barbaaduu kennaa Waaqayyoo, (yookaan Uumama 1:26, 27 wajjin wali wajjin wal qixummaa akka qabataan), dha malee taayitaa abbaa manaa isheetti miti. Ta'us anni hiika kana kanin fayyadamee burqaa Macaafa qulqulluu gidduu dhaa hin arganne, ta'us inni ibsa kaa'uudhaaf yookaan lallabuuf/ barsiisuuf fedha hin qabaanne. F.F. Bruce wanta walfakkaataa yaaduun isaa yeroon hubadheetti gammachuu natti dhaga'aameefi birmadummaa ammas nan yaadaa dha (gaaffii fi deebii fuula 95 ilaali). Akkan yaadutti amantootnihundumtuu kan waamaman yeroo guutuudhaaf, tajaajiloota ayyannaa kan Kristoos ta'uudhaaf!

◘ **"Ergamoota irraa kan ka'ee"** sararri sadii hiikii keeyata kanaa jiru, ergamootaa wajjin kan wal qabate.

1. Ergamoonni kan heeramani akka bakka bu'aa Waaqayyootti, kunnis tajaajila waaqeffannaa keenyaatti akka tajabuutti waan argamaniif 1 Qoro 4:9, 1 Xii moo 5:21, Faarf.138:1 akkasumas immoo macaafaa maramaa garba du'aa.
2. Akkasumas immoo ergamaan hamoonni in jiraatu, fedha saalaa kan qaban Uumama 6:2, 2 Pheexiros 2:4 fi Yihuuda 6 kan turan haala wal fakkaataadhaan ergamoonni 1 Qoro irra deddeebi'ee heeramuun isaa kan jiruu dha (4:9, 6:3, 11:10, 13:1)
3. Angelous akka "ergamaa" hiikamuun "Ergamootaa" jedhamee hiikamuu caalaa.

Ergamaa fi maleekaa jechii jedhuu lachanuutiin Ibirootaan (jechuun, Malaka) fi Girikiin (angelos) wal fakkaataa dha. Wixinneen yaada kanaa kan inni irratti hundaa'ee jaaraa tokkoo aadaa hawaasaa irratti (Bruce W. Winter, After Paul Left Corinth, (Phaawulos Qorontosin akka gadi dhiiseen fuula 133-38). Sadarkaa kan qabuu namni waldaa manatti in hirmaatu, waa'ee walga'ichaa mirkaneefachuuf isa tokko osoo hin ergin. Kun miira fooya'ee kenna, lakk.10 wajjin wal qabsiisuuf yaaluu caalaa, ergamoota halalee yookaan sirrimati ta'uun kan isaan dirqisiisuu ergamoonni (Faarfannaa 138:1) yeroo waaqeffannaa.

**11:11-12 "Gooftaa duratti dubartiin dhiira malee hin taatu, ta'uu yoo baatees dhiirri dubartii malee in ta'u"** lakkoofsooti kun cimsa kan laatuu dhiiraa fi dubartii gidduu kan jiru jireenya wali wajjini (uuma 1:26-27, 2:18, Galaa 3:26-29).

Birmadummaan kun (jechuun, gara ka'umsaati uumama haaraa gara ta'eetti Uuma 1:26-27) deebisuun karaa sirrii ta'een dirqamatti ibsamuu qaba, aadaa kufee tokkoo keessatti ibsa Phaawulos innis oolchuu Yesus ejjennoo tokkoon tokkoon amanaa guutuu guutuutti akka jijjiiruu kan inni argisiisuu in shakkinu! Nuu hundumti keenya Kristoosiin tokkoo. Amma galmi keenya kan ta'uu hiriyoota keenya kufan lammiiwwaan gargaaruu dha. Oolchuu wal fakkaataa kana akka isaan argatan. Ammas immoo dhimmi haawasaa jiru aadaa tokkoon tokkoonitti. Amantootni in danda'uu jechuun, amantootni dirqamatti godhuu qabu  jechuu miti.

"Irraa" fayyadamni jedhuu (jechuun ek, akkuma jirutti "irraa…keessaatti" qabiyyee barreefama kanaatiin (al lama jabeessuudhaaf kan barbaaduu) kan "mataa" fayyadama, akka "argamuu". Dubartiin dhiira keessa, dhiirri Waaqayyo irratti. Labsiin seera uumamaa immoo fi "mataa" ka'umsa laata, akka uumama sirritti duraa booda. Lachanuu, birmadummaa kiristoosiin jiruuf aboomamuu (Efes 5:12) waan sirri dha, waldaa kiristaanaatiif gaarummaan galma isa dhummaa akka ta'e.

**11:13-15** Phaawulos galumsa wal fakkaataa kana 10:15 irratti fayyadameera, innis ciggoo ta'uu danda'a, "namoota ogeessoota" kan jedhuu fayyadama isaa irratti hundaa'uudhaan (4:10, 2 Qoro 11:10), haa ta'uu malee bakka kanatti ciggoo hin fakkaatu, caalaatti "akka aadaatti yaaduu" kan jedhuu miira malee. Phaawulos Qorontosiin/Girikii-Roomee/jaarraa tokkoo sirrii akka ta'ee seera fayyadameera.

1. Dubartoonni heeruman galma keessatti yookaan gocha waaqeffannaatti akka maratan Hoji erga ( lakk.13).
2. Dargagoonni dhiiraa rifeensa isaanii dheeraa akka kukutan, gara nama guutuu ta'uuti yeroo ta'an (jechuun, umuri wagga kudhanitti). Rifeensa guddisuun haalaa aadaatiin   akka ddubartii yookaan mallattoo qunamtii saala wal fakkaataa ta'uu isaa (lakk. 17).
3. Rifeensa isaanii kan gabaabsatan dubartooni kan mul'atan tokkoo iilee
   a. Bakkee irratti kan qaanii kan taatee
   b. Sagaagiltuu (lakk.15).

Isaan qabiyyeen kan hafuuraa yoo ta'uu baatees qabiyyee macaafa qulqulluu miti (jechuun, aadaa Yihudootaa wajjin kan wal simatuu miti haa ta'uu malee qabiyyee aadaati.

**11:13 "Mataa keessan"** kun cimsa.

**11:14-15 "Akka…akka"** isaan lamaan kun ramaddii sada himoota haalaa yeroo ta'an, kan dubbataniis gocha cimaa dha.

Hiikii Ingilli adda addaa lakkoofsoota kana seera tuqaa adda addaatiin kan inni kaa'uu, akka gaaffiti (jechuun, NRSV, NJB), ibsawwaan (jechuun NASB, NRSV), yookaan gaaffii tokkoon ibsa isa biraa dha (jechuun, NKJV).  Lakk.14 irratti gaaffiicha jechi ilaalatuu, gaaffii argisiisuu "eeyyeen" deebii jedhuu  eegata.

**11:16 "Akka"** kun ramaddii tokkoo haalaa, innis yaada barreesichaa yookaan faayidaan barreefamichaa sirrii dha jedhamee kan yaadamu. Waldaa kiristaanaa Qorontositti kiristaani falmoon turaniiru.

▣

**NASB** **"Tokkoo falmuudhaaf yoo fedhee"**
**NKJV** **"Eenyu illee kan falmuu yoo fakkaatee"**
**NRSV** **"Eenyuu illee kan falmuu yoo ta'ee"**

**NRSV** **"Eenyuu illee waa'ee isaa yoo falmee"**
**NJB** **"Eenyuu illee falmaa ta'uu yoo fedhe"**

Gochamichii gocha ammaa kan argisiisuu yeroo ta'uu, innis kan argisiisuu gocha itti fufeenya qabuu dha. Wal falmiin kun kan isaanii itti fufeenya kan qabu haalaa. Falmiidhaaf cicciqii jaallatu!

"Falmuun" jechi jedhuu philos (jechuun, jaalala) fi veikos (jechuun, cicciqii) wal makkaa dha. Innis fayyadama irra kan oolee ergamootaaf, irbaata dhummaa irratti, Luq 22:24 irratti.

◘ **"Nuyi barsifata akkassi hin qabnu, waldaa kiristaanaa Waaqayyoo yoo ta'anis"** (lakk.4:17). Phaawulos wanta adda ta'ee kennaaf hi jiru (4:17, 7:17, 17:16, 14:23). Waldaan kiristaanaa kun ogummaa mataa isheetiini birmadummadhaan of jajii turte. Isaan kan yaadan waldaa kiristaanaa kan biroo bifa adda ta'een mirga jiraachuu akka qaban ture. Phaawulos cimsa kan itti laatu akka hin dandeenyee dha.

◘ **"Waldaa kiristaanaa"** mata duree addaa: waldaa kiristaanaa (Ekklesia) 1:2 irratti ilaali.

## I Qorontos 11:17-22

**[17]Yeroo sagadaaf walitti qabatanitti, akka itti walitti qabamuu keessanii wayyeessuu irra caalaa kan caalaa kan balleessu waan ta'eef, waa'ee isaatiif isa ani dubbachuuf jiru keessatti isin hin jajadhu.**
**[18]Hundumaa dura waldaan keessan yemmu walitti qabamuu, yaadaan gargar ba'uun isin keessa akka jiru dhaga'eera; kana keessa kaan dhugaa akka ta'ee nan amana*. [19]Isin keessaa warri qoramanii fudhataman akka beekamaniif, isin gidduutti barsiisa isaaniitiin gargar ba'uun jiraachuutu ta'a*. [20]Egaa akka isin itti walitti qabamtan kanatti walitti qabamuun, irbaata gooftaa isa qulqulluu nyaachuuf hin ta'u. [21]Yeroo nyaataatti hundinuu adduma addaan nyaata fidee dhufee nyaachuutti in ka'a, inni tokko in beela'a, inni kaan immoo in machaa'a. [22]Maali? Mana itti nyaattanii dhugdan hin qabdanii ree? Yookiis waldaa Waaqayyoo tuffachuu keessanii? Warra homaa hin qabnes yeellasisuu keessanii? Ani maal isiniin jedhuu ree? Isin jajdhuu ree? Ani kana irratti isin hin jajadhu*.**

**11:17** Phaawulos dhimma mata duree haaraa jalqabeera, ta'us garuu kan tokko tokkoo amantoota Qorontos haala of jajuu ammas taanaan xiyaafannoon itti kennameera. Dhimmi mata durichaa jijjiirameera, haa ta'uu malee hundeen rakkichaa hin jijjiiramne

1. Beekumsi isaanii
2. Birmadummaa dhuunfaa isaanii irratti cimsa laachuu
3. Ogummaa saanii akka qabanitti yaaduu

Phaawulos kan inni kaasuu dhimma mata duree hundumaa (7:1, 25, 8:1, 16:1) isaaniis xalayaadhaan ergameefi kan turan, kanumaan naannoo dhimma wal fakkaataa ta'ee kan naanna'uu ture. Kan wali wajjin jiraachuu hafeeraa jaalalaa illee (Yihuuda lakk. 12) gara "anaaf baay'ee" haaferaa jijjiira! Mirga, dandeetii, ejjeennoo, jaalala, tajaajila, fi fayyummaa qaama isaan isaan caaleera.

◘ **"Isin hin galateefatu"** Phaawulos isaaniif cimseera, 11:2 irratti haa ta'uu malee bakka kanatti isaan ifataa jira.

◘ **"Iddoo tokkotti walitti qabamuu"** kun jecha wal makaa Girikii sunerchomai dha. Phaawulos sun wal makoota baay'ee fayyadama. Walinga hundeema isaatiin kan inni jedhuu "wali wajjin" dha. Jechi kun kan inni ibsuu akka galma waaqeffannaa yaada jedhuu dha, innis kan inni argisiisuu kan amantootaa walgahii wali wajjiniti. Boqonnaa 11-14tti kan inni ibsuu waaqeffannaa tokkummaati (11:17, 18, 20, 33, 34, 14:23, 26).

Anaan kan abaaruu kun "walitti qabama" akkamitti akka hojjeetu dha. Qorontositti walumma galatti waldaa kiristaanaa mana keessaa baay'ee turan, tokko tokkoo gareen qoqoduu ka'umsa ta'uu kan danda'an. Phaawulos asitti kan heeru hundumtuu waldaan kiristaanaa mana keessaa irbaata Gooftaatiif walitti qabamuu jechuu isaatii?

**11:18 "Duraan dursee"** gaalee kana karaa lamaan hubachuun in danda'ama.

1. Faayidaa duraa (NKJV)

2. Lama yookaan isaa oli kan ta'an dhimmoota kan dursuu, "laman" itti fufa …jechi jedhuu qabiyyee barreefamichaatiin hin heeramne.
3. Barreefama seer-luga wal fakkaataa Roome 1:8 irratti argama.

◘ **"Gidduu keessan wal qoqodamsi jira"** isaan wal qoqodinsii dursa kan heeraman 1:10-17 fi 3:3-4tti, haa ta'uu malee argamni isaanii kitaabichaan guutuu akka ta'ee yaadama. Qabiyyee barreefama kanaatiin qoqodamni isaa geggeesitoota ati hirkatee miti, haa ta'uu malee kan gamtaa, kan dinaagdee amala qabiyyee kan godhee dha. Kun tarii kan inni mul'isuu qabiyyeen isaa ramaddi hawaasaa ta'es xin-waaqummaa cimsa isaanii bakka bu'uu dha.

**11:19**

**NASB, NKJV "Gidduu keessanitti wal qoqoduun immoo jiraachuun isaa dirqama waan ta'eef"**
**NRSV "Dhugummatti gidduu keessan wal qoqoduun jiraachuun isaa dirqama"**
**NRSV "Gidduu keessan wal qoqodiinsi jiraachuun isaa mamii hin qabu"**
**NJB "Gareen adda addaa giddu keessan jiraachuun isaanii dirqamaa"**

"Qooduu" jechi jedhuu (lakk.19, jechuun, *hairesis*) kan Ingillii heresies (munaafaqa) argina. Kan isaa hundeen jechaa hunda qabeessii "filachuu" yookaan "adda ba'uu" dha. Haa ta'uu malee hiika dabalata ta'een simboo adda ta'ee argisiisuun, tokko fillatee kan biraa fillannoo dhiisuu (Hoj.erg. 24:14, 1 Qoro 11:19, Galaa 5:20). Innis immoo argisiisuuf kan inni yaaluu (1)Barumsa dogogoraa ta'ee hordoofuudhaaf namni (Tiitoo 3:10) yookaan (2)Barumsii dogogoraa ta'ee mataan isaa (2 Pheex 2:1).

Lakk.18 irratti fayyadama irra kan oolee jecha adda ta'eetu jira, "qoodotni" (jechuun, *schism* ) isa irraas immoo jecha ingilli Schism (garee) argina. Jechi hundee qabeessi kun "tarsa'uu" dha (Maati 27:51). Innis fayyadama irra kan oole dhimma tokko irratti gareewwaan qoqodamanii dha (Yoha 7:43, 9:16, 10:19, Hoj.erg 14:4, 23:7, 1 Qoro 1:10, 11:18).

Phaawulos kaayyuun xin-waaqummaa (jechuun, *hina*) fi fedha (jechuun, *dei*) in heera, isaan kanaa fi gareen adda addaa ta'uun. Isaan ka'umsumatti geggeesitoota hafuuraa dhugaa fi dhugaa dha. Ifatti akka beekamaniif. Geggeesitoota bilchaatan yeroo rakkinaatti dandeetti argamuu qabu.

Fillannoon biraan kan ta'ua gareen murtaa'aanii fi geggeesitootni isaanii gocha isaanii argisiisu, raawwatee kiristaanii ta'uu dhiisuu isaanii (1 Yoha 2:19, Maari 4:16-19).

◘ **"Kan qoraman isaan immoo"** mata duree addaa jechi Girikii qormaataaf fayyadama irra kan oolan 3;13 irratti ilaali.

**11:20 "Irbaata gooftaa nyaachuudhaaf miti"** isaan kun kan carooman beektoota hawaasaa kan ta'an garreewwaan hawaasichaaf raawwatee bifa orma ta'een ture kan godhanis, kunnis, fakkeenya mataa ofii kennuu kan ta'ee kan Yesus irbaata dhummaa ergamootaa wajjin kan inni godhe taanan. Lakkoofsonni itti fufanii jiran tuqaa isaa ifa godhee argisiisa (lakk.22).

◘ **"Irbaati gooftaa"** kunni kan gaalee kanaa qophaa isaa kan raawwatuu dha, Kakuu Haaraati. Kunnis kan biraa fakkeenya itti yaadame in ta'a Kakuu Haaraadhaaf. Kamiin illee taanaan gartokkotti jallachuun isaaniifi gochaawwaan gar tokkotti jallachuu Yesus irraaf gochawwaan wajjin jechuun mataa isaa nama cubbadhaaf dabarsee kennuu wajjin raawwatee wali hin fakkaatu.

Dhugaan waaqeffannaa maqaa adda addaatiin adeemsifama

1. Irbaata gooftaa
2. "Irbaata gooftaa" (1Qoro 10:21)
3. "Buddeen cabsachuu" (Hoj.erg 2:42, 20:7, 1 Qoro 10:16, 11:24 [Luqa 24:30])
4. Galata dhi'eessuu ( jechuunis *eucharist*)) yookaan eebbisuu (jechuun, *eulogia* Maati 26:26-27, 1 Qoro 10:16, 11:24).

**11:21 "Tokkoon tokkoon irbaata mataa isaa dursee nyaata"** waldaan kiristaanaa isheen durri irbaata gooftaa fi irbaata hawaasaa innis "Agaapee" jedhamee kan waamamuu wal makee ture (2 Pheexi 2:13, Yihuuda 12 fi tarii Hoj.erg 20:7).

Gaalee kana karaa baay'eedhaan hubachuun in danda'ama

1. Dureessa/ kan baratan/beekammoo/guddaa irraa kan dhalatan duraan dursee dhufanii nyaata isaanii harifatanii in nyaatu isa booda hiyeessonni yeroo bira ga'aan waan tokkoo illee isaaniif in hafu, waan akkasumaanii kan nyaatan hin argatan.
2. Tokkom tokkoon namaa nyaata mataa isaa in fida ture. Amantootni baratani kan mataa isaanii arifatanii hiyeesoota duratti nyaatu, yookaan tajaajilaa miseensa waldaa kiristaana xiqqoo yookaan waan tokkoo iyyuu in fidan turan.

Rakkoon isaa dhuunfummaa fi abbaa garaa ture, innis gamtaa garagarummaa irratti kan hundaa'ee Yesusin mataa ofi kennuu gocha jaalalaa fi fakkeenyummaa ifatti akka baratanitti utuu in ta'in. Waldaan kiristaanaa Qorontos Kristoosiin tokko ta'uu isaani in amanu turan. Garaagarummaa hamaatuu isaan gidduu ture

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. | Badhaadhummaa gamtaa | faallaa isaa | gadi deebi'ummaa |
| 2. | Dureessa | faallaa isaa | hiyeessa |
| 3. | Dhiiroota | faallaa isaa | dubartoota |
| 4. | Namoota birmadduu | faallaa isaa | garboota |
| 5. | Warra Roomee | faallaa isaa | kan hafan hundumaa |
| 6. | Beektoota hafuuraa | faallaa isaa | amanaa |

Garagarummaan kun lakk.21 fi 22 irratti ifatti barreefameera.

▣ **"Inni tokkoo in horaa, inni tokkoo in machaa'aa"** kun sadarkaa gamtaa Roomee yookaan sababa dhuunfummaa ta'uu isaa, haala fudhatama in qabnee ifatti mul'ata. Kaayyoon yaadannoo irbaataa fi tokkummaan wajjin iraanfatameera. Kun hima guddaa dha (lakk.23). lakk.kunni walummaa galatti of qabuu aadaa fi bu'aa isaa irratti ooluu in danda'u. wayiniin dhimma qaamichaa akka ta'ee ifaa dha. Kan inni ciiga'ameefi akka malee itti fayyadamuu isaati.

## Mataa duree addaa: wayiini fi dhugaatii jabaa

I. Jechotaa macaafa Qulqullu

A. Kakuu mofaa

1. *Yayin* -kun jecha waligalla wayiiniti, innis yeroo 141 fayidarra olee (BDB 406). Hundeen jechaa kana sirritti hin beekamu, sababni isaas hundeen jecha ibirootaa waan hin taneef. Innis kan inni ta'uu dhangaga'aa cunfaa kuduraa fi muduraa, yeroo baay'ee wayiini dha.Dubbisa murasa kan ta'e Uuma.9:21, Seera ba'u.29:40, Seera Lakk.15:5, 10.
2. *Tirosh*- kunnis guushi dha "daadhii waynii". Garaa bahaa ti halaa qillensaa irraa kan ka'ee, cuunfan wayini erga qopha'ee bodaa kan inni dhangagga'uu jalqabuu sa'aa 6 bodaa dha. Jechii Kunnis kan agarsisuu ademsa dhangaga'uurra wayinii jiruu dha. Dubbifama sirriin Kun Keessa deebi.12:17, 18:4, Isaayas. 62:8-9, Hosee.4:11 ilaali.
3. *Asis* - kun dhugaati alkolii dha (Iyu'eel1:5, Isayaas 49:26) (BDB).
4. *Sekar* - kun "dhugaati cimaa" dha (BDB 1016). Innis waan itti dabalamuu tokko jiraa akka nama machesuuf. Jecha ibirootan" machii" ykn" machaa'aa" kan jedhuu fayyadamuu. Akka nama macheessu taasisuuf waanta itti dabalanu qaba ture. *Yayin* kan jedhu irraa bukkoo dha (Fak. 20:1; 31:6; Isa. 28:7).

B. Kakuu Haraa

1. *Oinos* - jecha Giriikii yayiin wajiin wal gita (Fak.20:1, 31:6, Isaayas 28:7)
2. *Neos oinos (*guushi wayinii) gita Girikii Tirosh (Mar.2:22)
3. *Gleuchos vinos* Vinoos (wayinii minya'aa, Esiis) – Wayinii haraa reef ga'aa jiruu (Hoji Erg.2:13).

II. Ittiffayyadama Macaafa Qulqulluu

A. Kakuu Mofaa

1. Wayniin kenna Waaqayyoo dha. (Uma 27:28, Far.104:14-15, Mik.9:7, Hos 2:8-9 Iyu 2:19, 24; Amo 9:13, Zak.10:7)
2. Wayinin kennaa haarsa keessa qaama isaa tokkoodha. (Keess.deebii 29:40, Lewoota.23:13, Seera Lakk.15:7, 10, 28:14 Keessa deebi 14:26 Abota Firdi 9:13).

3. Wayinin akka qorichaatti ni tajajilaa (1Sam 16;2 Macaafa Fakk.31;6-7)
4. Wayinin rakkoo qabatama ta'uu ni danda'aa (Nohi- Uumama. 9:21, Looxi- Uumama 19:33, 35, Samson Abbota Firdii16:19 Naabal- 1Sam.25:36 Oriyo 2 Sam.11:13, Aminoon 2Sam.13:28 Ilaah Mot isa 1 20:12, Bitoota- Amots.6:6 fi dubartoota- Amots.4).
5. Wayinin yadaa nama walin dhahuu danda'uusa akkekachisaa wajiin walitii firomaa (Macafaa Fakk.20:1, 23:29-35, 31:4-5 Isaayas. 5:11, 22, 19:14, 28:7-8, Hoseey.4:11)
6. Wayinin namoota muraasaf dhorkaa dha (lubooota f Lewoota.10:9, Hizira 44:21, Nazirawootaf, Seera Lakk.6 fi bulchitoota Macafaa Fak.31:4-5, iIsaayas.56:11-12, Hose7:5)
7. Wayiniin akka dhufaati xumurichati fudhatamera (Amots.9:13, Iyu'eel:3:18, Zak.9:17)

B. Haftee macafaa Qulqquluu
1. Wayniin yoo hammasaa xiqqessani fayadaman ni gargaraa. (Lal.31:27-30).
2. Barsistoni akkas jedhuu "wayiniin dawwaa jiraan hundaa irraa isa gudda dha, yeroo wayinin dhumuu dha qorichii biraan kan barbachisuu.'' (BB 58L).
3. Wayiniin bishaan wajjiin walitii makamee midhaa hin qabu, garuu minya'ina qaba, gamachuus ni dabala (2Macc 15:39).

C. Kakuu Haraa
1. Yesuus bishaan garaa wayiniiti jijireraa (Yoh. 2:1-11).
2. Yesuus wayinii fayadamera (Mat.11:18-19, Luq.7:33-34, 22:17).
3. Phexiroos macha'eraa jedhame komatame "guushi wayini" phenxeqoosxe dhuguudhaan ( Ho.Erg.2:13)
4. Wayinin akka qorichati ni tajaajilla (Mar.15:23, Luk.10:34, 1 Xim.5:23).
5. Geggessitooni dhugduu ta'uu hin qabaan. kunis walumaa galati dhugatii fayadamuu dhisuu miti (1Xim.3 :3, 8, Tiito.1 :7, 2 :3, 1Phex 4 :3)
6. Wayinin tajajilaa amantiif ni garagara (Mat.22 :1, Mulata.19 :9)
7. Dhugduu ta'uun kan balalefatemedha (Mat.24:49, Luk11:45, 21:34, 1Qor.5 :11-13, 6 :10, Gal.5:21, 1Phex.4:3, Rom.13 :13-14).

III. Hubannoo kan Og-Waaqummaa

A. Waliin mormii faallaa
1. Wayiniin kennaa Waaqqayyo dha.
2. Machiin rakkoo isaa guddaa dha
3. Fakkenyii kenya kiristosii (Mat.15 :1-20, Mar.7 :1-23, 1Qor 8 :10, Rom14 :1-15, 13)

B. Dangaa eyyamameraa amala darbuu
1. Waaqayyoo maddaa garii hundumati
2. namnii wan waqayyoo kennef callati fayyadmuun ballesera

Akka malee fayyadamuu irratii malee wantota irra mitii, rakkoon foon uumama irra hin jiruu (Rome.14:14, 20).

IV. Aadaa warra Ibrootaa kan jaarraa jalqabaa akkaataa itti danfisan

A. Dhangaga'u kan eeggalu battaluma sanati, tilmaman sa'a 6 bodaa, wayiniin tumamee erga raawwate, keessumatuu haala qillensa ho'aa fi qulqullini isaa hin eggamnee keessati.
B. Akka aadaa Yihudotaati erra keessa isaatti harofaan giddu-galleessa ta'ee yoo agarsisuu jalqabuu ( milikitaa bilchachuu isaati) yeroo kanatii mabaa wayinii kenuuf ga'aa jechuu dha. (*Ma aseroth* 1:7). Biilchinii wayinii jalqabaa nama machessuu kan ga'uu torbe tokko booda.
C. Kanlammaguyyaa 40 fudhata. Yeroo sanaati akka "wayinii dulloometi" lakka'ama,

D. iddoo arsaa irratis arsaaf ni dhihataa (*Edhuyyoth* 6:1).
E. Sefaafu irratii wayinii ittite (wayini dullome) akka ta'etti lakka'ama, haa ta'uu malee fayidaa irra utuu hin oolin duraa waliin makkamuu qaba.
F. Wayinin dullome kan jedhamuu erga bilchaate waggaa tokko booda yoo turee dha. waggaan sadii isa guddaa dha, Wayinii seeraan kuusuuf.Innis "Wayinii dullome" wayinii jedhama.
G. Waggooti 100 darbaan keessatii bakka qulqulluu ka'uuni fi mihesituu itti dabaluun dhangagaa'umaa isaa hirisuun danda'amera. Kan durii Addunyaan uumamaa dhangagumaa isaa hanbisu hin dandeenye.

V. Ibsa xumuraa

A. Shakalli kee, kan Og-Waaqummaa fi Kan hiikaa Macaafa Qulqullu kan Yesusiif kan amantoota jaarraa jalqabaa yookiin aadaa kiristaanummaa akka hin tuffachiifne of eeggadhu. Jarri gonkuma kan dhugaatii

hin qammansne miti.

B. Ani fayyidaa alkooliin uummataam qabuuf kann falmu miti. Baay'een kana irratti yaada Macaafa Qulqulluu waan hoo'iisaniif akkasuma olaantummaa qajeelina irratii kan hundaa'e aadaan/ hundee amantii irratti kan qabu kan qoqqobu waan ta'eef.

C. Anaaf Roma 14 fi 1Qor 8-10 jaalalaa fi kabaja irratti kan hundaa'e qabiyyee fi qajeelfama naaf kennu. Kunis amantootaaf tatamsa'ina wangeelaatiif aadaa hundumaa keessatti, bilisummaa kan dhuunfaa utuu hin ta'in. Macaafni Qulqulluun kophaa isaa gochaa amantiif madda erga ta'ee egaa hundumti keenya waa'ee kana erra deebinee ilaaluu qabna.

Of dhowwuu akka jaalala Waaqayyootti yoo fudhanne, waa'ee Yesus maal jenna? Akkasuma waa'ee aadaawwan bara kanaa akka dhaabbataatti waayinii warra fayyadamanu (fakkeenyaaf, Awuroopaa, Israa'eel, Arjantiinaa)

▣ **"Kan itti nyaataniif kan itti dhugdan mana in qabnii"** warri seeraa tokko tokkoo fi jechaa jechatti kan fudhatan hiiktootni kan akka mirkaneefachuu barreefamaatti fayyadamuu yaalaniiru, waldaa kiristaanaatti nyaachuu dhiisuu. Seenaadhaa fi qabiyyeen barreefamaa yeroo baay'ee isa guddaa dha, barreefamni durii haala hiikuutiin. Tokkoo qulqulluu sagallee isaa kutaa xiqqoo heeruu qofani waa'ee macaafaa qulqulluu/Waaqayyoo homaa jechuu hin danda'u! Gorden Fe akka jedhuuti, "waan tokkoo illee jechuudhaaf macaafi hin dandeenye homaa miti!"

Itti fufiinsaani gaaffii seenaa qaba, isaanis miira Phaawulos barreessen kan mul'isamu. Gocha waldaa kiristaanaa tokko tokkootti na'eera (Yaaq 2:6).

## I Qorontos :11:23-26

**[23]Barsiifni ani isinitti dabarse, isuma ani gooftaan halkanuma itti dabarfamee kenname sanatti buddeena fuudhee, [24]Waaqayyoon galaeeffatee, buddeenicha cabse, "Inni isiniif cabe kun dhagna koo ti, kanas seenaa kootiif godhadhaa!" jedhe. [25]Erga nyaatanii booddees, akkuma sanatti xooficha fudhatee, "Xoofoon kun kakuu isa haaraa, dhiiga kootiin dhaabatuu dha; yeroodhuma isa keessaa dhugdanitti seenaa kootiif godhadhaa!" jedhe*. [26]Yeroodhuma buddeena kana nyaattanitti, yeroodhuma xoofoo kana keessaa dhugdanitti, hamma gooftaan deebi'ee dhufutti akka inni [namootaaf] du'e inlabsitu.**

**11:23 "Isiniif immoo dabarsee kanaan kennee kan gooftaa irraa fudhadheera hoo"** Phaawulos yeroo irbaata gooftaatti hin ture, inni Galaa 1:11-17 akka jedhutti Yesus irraa kallattiidhaan mul'ata akka fudhatee dha, akkasumas Galaa 1:18-19 ergamoota biraa yookaan geggeesitoota Yerusaaleem akka hin fudhanne. Ta'us jechi isaa asitti kan callaqisiisan isa jalqabaa wangeela isa dursuu beekumsa aadaati.

◘ **"Buddeenicha fudhatee"** Yesus hoolaa Faasikaa fudhachuu dhiisuun isaa fakkeenya fayyaduu dha. Innis baayinaan Kakuu Moofaa wajjin wal qabata (Ba'uu 12). Bideenichi kan tokkummaa sanaaf fakkeenya haaraa ta'ee dha. (10:16-17).

**11:24 "Galata erga dhi'eessee boodaa cabsees jedhee"** kunnis gara gocha seenaa adda ta'eetti argiisiisa (jechuun, nyaatti faasikaa Kibba irratti kutaan jiru Yesus dabarsamee kennamuu isaa fuuldura). Kiristaanoonni baay'een seera isaa *Eucharist,* (irbaata qulqulluu) jedhu, innis jecha Girikii "galateefachuu" kan ta'ee (jechuun: *eucharisteō*, Maat 26:27, Maar 14:22, Luq 22:19).

◘

**NASB** **"Kun foon kooti, innis isiniif kan ta'ee"**
**NKJV** **"Fudhatani, nyaadhaa, kun waa'ee keessaniif kan cabee foon kooti"**
**NRSV** **"Kun foon kooti, innis isiniif kan ta'e"**
**NRSV, NJB** **"Kun foon kooti, innis isiiniif kan ta'e"**

Kunni ifatti dubbi haalaati. Abshaalummaan namaa Yihudootaa kam iyyuu sodaachiisaa dha. Yesus buddeena cabee Qaraniyootti akka cabsatee fakkeenya qaama isaa godheera. Buddenni haara'umsa qaamaa akka kennuufi kan nyaataaniif jireenya akka kennuu, akkasuma gochi Yesus jireenya hafuuraa laata, kan fudhatan hundumaaf.

Baay'een falmiin xin-waaqummaa adeemsifameera, jecha Yesus hiika isaa kan ilaalate. Ibsi baay'een kan irratti hundaa'ee (1)Dhugaa uumuu fi (2)Waaqayyo karaa itttin ayyaana laatuu dha. Kanas akka dhoksaa

qulqulluutti kan ilaalan Yoha 6 irratti baay’ee amanita, innis haala qabiyyee barreefamaatiin irbaata gooftaa wajjin walitti dheefenya tokkuu iyyuu kan hin qabne.

Baay’een barreefamni Girikii garagarummaan gaalee kana irratti.

1. Text riseptis “fudhadhaa, nyaadhaa” kan jedhu dabala. Kunnis kan argamuu Girikii MSS $C^3$, K, L, fi P dha. Innis isa guddaa miti.
2. Gaaleen gabaabaan Phaawulos “isiniis” (MSS $P^{46}$, a*, A, B, C*) barreefama durii karaa baay’eedhaan babalateera.
   (a) “Waa’ee keessaniif kan cabee” (MSS $a^2$, $C^3$, B2, F, G)
   (b) “Isiniif kan dhangala’ee” (MSS G*)
   (c) “Isiniif kan kennemee” (Luq 22:19)

UBS$_4$ barreefama gabaabaa (to *huper humōn*) akka “A” in fudhata (beekamaa dha).

**11:24-25 “Kana yaadannoo kootiif godhadhaa”** kunni tokkoo gocha ammaa kan argisiisuu yookaan xiyaafataa gocha ammaati. Xiyaafataan qabiyyee barreefamaa bifa fooya’een simata. Fakkeenyi nyaata kanaa dhaabbataatti irra deddeebi’uu qaba, amma Yesus deebi’ee dhufutti.

Ajaa’ibsiisaa kan ta’uu irbaata gooftaa akkaataan galmee isaa wangeela Maatihoosi fi Maariqoos “kana yaadannoo kootiif godhadhaa” gaaleen jedhuu itti hin dabalamne. Ta’us innii Luq 22:19 fi 1 Qoro 11:24-25 irratti in uumama. Baay’ee ajaa’ibsiisaa kan ta’uu jireenya Yesusitti ifatti faayidaa kan ta’ee, innis kan irra deddeebi’uu garagarummaa fakkii kanaan wangeelootaa fi barreefama Phaawulos teessifamuu isaati.

Kakuu Haaraan yeroo ammamiitiif akka irra deddeebi’uu adda baasee in keenye. Gareen amantootaa tokko tokkoo raawwatanii hin godhan (jechuun, Kiweekiroos) kan biroon immoo turban torbaniin godhu. Kan isaanii gareen waldaa kiristaanaa dhoksaa qulqulluu ilaalcha kan qabanii irbaata qulqulluu irra deddeebi’aa godhuu (jechuun, turban torbaniin) akkasumas dhugaa giddu galleessaa. Amantootni Filisxeem durii waggati yeroo tokkoo Faasiikaa wajjin wal qabsiisaanii yaadatu (jechuun, Edionites, cf.Origin fi Epiphanius). Isaan kiristaanoonni kun seera waaqeffannaa irra deddeebi’uu kan isaaniif in taanee kana dhiibbaa isaatii fi faayidaa isaa kan dhabsiisuu akka sarara ayyaannaatti waan hin ilaaleefi irbaata qulqulluu irra hin deeddebi’an (jechuun, warri Kibbaa cuuphaa waggatti yeroo tokkoo).

**11:25 “Xoofoon kun Kakuu Haaraa dha”** kakuun haaraan kun addatti kan inni heeramee Ermiya 31:31-34tti (His 36:22-38 yeroo ibsamuu). Jechi Girikii kakuudhaaf hiikii inni guddaan “fedha” yookaan “kakuun inni dhummaa” dha, haa ta’uu malee hiiki kun kan inni callaqisiisuu kan Saptuwajeentii “kakuu” kan jedhuu fayyadama.

“Kan Kakuu Haaraa” yaad-rimeen uummata Yihudootaaf naasiisaa ture. Isaan amanataa kan turee seera Musee dhaabataati ture. Ermiyaas yaadachiisuu kan barbaadee kakuun Yaahiwwee amantiidhaan deebii qalbii jijjirannaa irratti kan haalaa ta’uu isaaniti.

## Mataduree addaa: Kakuu

Jecha Kakuu Moofaa kan ta’ee *berith*, (BDB 136) kakkuu ibsuuf salpha miti. Ibirootaan jechii madaluu hin jiru. Madda jechaa hiika argamsisuuf yaaliin ta’u hundumtu kan hin amansiifne ta’aniiru ta’uyyuu yaadni isaawali gala giddu gallessumma itti gargaarama jecha akka sakata’aan beektoota dirqisiseera. Hiikaa hojii irra oolu murteessudhaaf.

Kakkuun inni tokkofaan Uumamaa kan ta’ee namaa wajjiin waligaltee godhamudha.
Akka yaadaatti kakkuun, wali galtee yookaan walii galuu ibsa Macaafa Qulqulluu hubachuun murteessadha. Hundumaa gararaa ta’uu Waaqayyoo fi ijoollee Waaqayyoo mirga walabaa gidu falmiin jiru kakkuudhaan akka yaadaatti ifatti mula’tadha. Kaakkuun tokko tokkoo kan isaan irratti hunda’aniidha.

1. Uumamnii mataan isaa (Seera Uumamaa a 1:2)
2. Abirahaam wamaamuu isaa (Seera Uumamaa a 12)
3. Kakkuu Abirahaam wajjiin (Seera Uumamaa a 15)
4. Nohii eegu saatiif abdii isaa (Seera Uumamaa a 6-9)

Ta’uyyuu amalli kakkuu inni guddaan deebi barbaaduu isaati

1. Amantiidhaan Addaam Waaqayyoof abomamuutu irra ture, Ganata giduu kan turee mukicha nyaachuun

irra in ture.

2. Amantidhaan Abiraham firoota isaa dhiise Waaqayyoon duuka bu'e, akkasumaas waa'ee sanyii isaa dhufaani amanutu irra ture.
3. Amantiidhaan Nohi doonii guddaa tolchuu, bishaan irra fagaate bineensoota yaadutu irra ture
4. Amantidhann Museen Isira'eelin Gibxii baase qajeelfama murta'aan, amantaadhaa fi jireenya hawasummaaf kan ta'an kan eebba fi kan abaarsa abdii fudhatuu irra ture (Seera Kes 27-28).

Falmii wal fakkaata Waaqayyoo namoota wajjiin walitti dhuufeenya qabu "kakkuu haara keessatti" ilaaleera. Falmichiis Gibxiitti kan argamuu Raajii Hisqeel 18 tiin Raajii Hisqeel irraa 36:27-37 wajjiin wal dorgomsisuudha gocha Yaahiwee. Kaakkuuchi kan irratti hunda'ee Waaqayyoodhaan gochaa ayyannaati yookaan namaaf kan kennamee itti gaafatamumma bakka bu'umsa? Kun dhimma arifachisaadha. Kakkuu moofaan, kakkuu Haara dabalatee. galmii lamaan saatti wal fakkaatadha. (1) tokkummaa bade deebisudha seera Uumamaa 3 fi (2) amala Waaqayyoo kan calaqisisuu uummata hundessu.

Raajii Erm 31:31-34 kakkuu haaran falmiisaa in salphisa. Gochii namoota fudhatama argachuu fi kan godhuu hanbisudha. Seerri Waaqayyoo hawii keessa ta'e, inni alaatti lakkoofsi seera hafe. Gaarii sabaa tolaa ta'uuf galmii bifa wal fakkatadha. kan hafuu, haa ta'uu malee mallii isaa (galumsasati) kan jijjirame. ilmi namaa bifa mulachuu Waaqayyoo dandeeti ta'u akka hin qabne mirkana'eraa rakkoon isaa kakkucha hin ture haa ta'uu malee dadhabii namoota cubbamootaatti (Galatiyaa 3)

Falmii wal fakkaata kakkuudhaan halichii kan hin taaneef kakkuu haloota giduu akka jirutti kakkuudhaan jiraata. Fayinni raawate bilisa Yesuus Kiristoosiin rawaatamedha, garuu qalbii jijjiranaa fi amanti barbaada (lamaansaa ka'umsaa fiis ta'ee itti fufeenyaaf). innis lamaan isaa labsii leenjii seera qabeessaf Kiristoosiin gara fakkaachuti waamu, ibsa iyyataa simatamuuf qulqullumma barbaachisa!Amantootni gochaa mata isaaniittin kan fayyan miti, haa ta'uu malee abomamuun (Efeesoon 2:8-10). Waaqayyoon fakkaatanii jiirachuun raga fayyinaatti malee sababaa fayina miti. haa ta'uyyuu, jireenyii bara baraa hubatamuun kan irra jiruu amala qaba! Falmiin kun warra Ibiroota irrati ifatti argama.

◘ **"Dhiiga kootiin"** kun kan argisiisuu yaad-rimee Ibirootaa aarsa du'a Yesus (2 Qoro 5:21). Dhiigi kan Kakuu Moofaa dubbii haalaa Ibirootaati, inni Waaqayyoodhaaf kan kennamuu aarsaa kan ilaalatu (Leewota 17:11, 14, Keessa deebii 12:23). Kakuun inni jalqabaa kan dhi'aate dhiiga dhangaalasuudhaan ture (Ba'uu 24:8).

**11:26**
**NASB, NKJV**
**NRSV** **"Yeroo nyaataan hundumaatti…yeroo dhugdanitiis"**
**NRSV** **"Yeroo nyaataan kamitti iyyuu… yeroo dhugdanitiis"**
**NJB** **"Yeroo nyaatanitti…..yeroo dhugdanittis"**

Asitti yeroon adda ta'ee akka hin kennamne hubadhuu, yookiis bakka biraatti Kakuu Haaraatti. Hoji.ergamootaa irbaata Gooftaa ibsuudhaaf gaalee sirrii dha, "Buddenaa cabsachuu" fayyadama irra kan oole (1)shaakala yeroo hundumaa (2:42, 46) yookaan (2)waaqeffannaa sanbataa (20:7, 11). Ta'us, gaalichi nyaata dhaabbataadhaaf immoo fayyadama irra ooleera (27:34-35).

◘ **"Du'aa gooftaa dubbatuu hoo"** kun ifatti kan argisiisuu du'a Kristoos kallatti aarsaati. Irbaati gooftaa du'a Kristos deebinee deebbinee kan ilaaluu dha.

◘ **"Inni amma inni dhufutti"** irbaata gooftaa deebi'ee dhufuu isaatiif fuul duratti kan argisiisuu dha (1:7, 4:5, 11:26, Maar 14:25).

## I Qorontos 11:27-32

**27Kanaafis sababii maaliitiif akka dahi'aatuu utuu gargar hin basin namni buddeenicha nyaatu, xoofoo gooftaa keessaas dhugu, dhagna gooftaa dhiiga isaas in yakka. 28Egaa, namni qoree of haa ilaalu! Ergasiis buddeenicha irraa haa nyaatu, xooficha keessaas haa dhugu*. 29Dhagna gooftaa ta'uu isaa yaadatee utuu gargar hin basin namni buddeenicha nyaatu, xooficha keessaas dhugu, firdii of irratti fiduudhaaf in nyaata in dhugas*. 30Sababii kanaaf baay'een keessan dhukkubsatoo dha, dadhaboo dhas; namoonni kaanis du'aniiruu. 30Utuu of irratti arginee nuyi of irratti murreerra ta'ee, Waaqayyo nutty faradu ture. 32Yeroo amma nutty hin faradamu immoo, firdiin bara baraa biyya lafaa wajjin akka nutty hin faradmnetti, gooftichi akkasitti adabee nu qajeelcha*.**

**11:27**
**NASB, NKJV**
**NRSV** **"Eenyuu iyyuu buddeen gooftaa kan nyaatu yookaan xoofoo gooftaa kan dhuguu"**
**KJV** **"Eenyu iyyuu buddeena kana kan nyaatuu fi xoofoo gooftaa kana kan dhuguu**
**NRSV** **"Isiin keessaa tokkoo buddeena gooftaa yoo nyaate yookaan xoofoo isaa irraa yoo dhugee"**
**NJB** **"Kanaafis eenyu iyyuu buddeena gooftaa yoo nyaatee xoofichas yoo dhugee"**

"fi" kan jedhuu barreefama isa guddaa keessa hin ture, lakk.27 irratti, haa ta'uu malee lakk. 28 fi 29 irratti jira. "Yookaan" barreefama Girikii irratti jira. Hiikii King Jamsii Katoolikii Roomee yaada isaanii sodaate ture, kunnis, lubichii waynicha yeroo dhuguu amantootni isaa immoo buddeenicha, akkasumas ta'I jedhee lakk.kanaa walin dha'ee hiikeera! NKJV kana ta'ii jedhee walin dha'aamee kan turee sirreeseera (Bart Ehran The Ortodox Corraption of Scripture, fuula 154 ilaali).

◘

**NASB, NKJV**
**NRSV** **"Haala sirri hin taaneen "**
**NRSV** **"Bifa isa salphisuun"**
**NJB** **"Utuu irra hin jiraatiin"**

Kunni qabiyyee barreefama yaada tokko qabuu dha kan inni argisiisu, waldaa kiristaanaa keessa kan turee tokkuma bade, innis warra of jajanii fi of tuultoota qoqoodootaan kan uumamee dha, haa ta'uu malee kana kan hubatan irbaata gooftaa yeroo fudhatanitti qabaachuun kan irra jiraatuu haala hafuuraa sirri ta'uu waan qabaataniif argisiisuudhaaf akka ta'ee dha (Ibiroota 10:29).

**11:28 "Namni garuu mataa isaa of qoruutu irra jiraata"** kun xiyaafataa gocha ammaatti. "Qoruu" jechi jedhuu "tolaa ta'uudhaaf kan godhuu ilaalcha qoruudhaaf" hiika jedhu qaba. Mata duree addaa jecha Girikii "qoruudhaaf" 3:13 irratti ilaali. Bifa tokkoon kiristaanootni hundumtuu kan irra hin jiree dha, sababni isaa hundumtuu cubbuu gochuudhaan waan itti fufan miti. Qabiyyee barreefama kanaatiin inni adda baasee kan argisiisuu tokkuma bade fi hafuura qoqoodu dha, tokko tokkootti waldaa kiristaanaa Qorontositti kan turan biratti (2 Qoro 13:5).

**11:29**
**NASB** **"Foon isaa akka ta'uutti kan adda hin baafnee yoo ta'ee"**
**NKJV** **"Foon gooftaa kan adda hin baafnee yoo ta'ee"**
**NRSV** **"Foon isaa kan adda hin baafnee yoo ta'ee"**
**NRSV** **"Hiika foon gooftaa kan hin hubannee yoo taataan"**
**NJB** **"Foon isaa utuu hin hubatin"**

"Foon isaa" kan inni argisiisuu kan hin fakkaanne (1)foon qaama Yesus yookaan (2)hirmaatoota isaa, haa ta'uu malee waldaan kiristaanaa akka gareetti (10:17, 12:12-13, 27). Tokkummaan qoqodamee rakkisaa dha. Olaantummaan hafuuraa yookaan rimmiddiin garagarummaa tokkummaa balleessa.

◘ **"Murtii"** 4:7 irratti kan jiruu yaadannoodhaa fi mata duree addaa 1 Qoro 10:29 ilaali.

11:30 Phaawulosi ejjeennoo ifa ta'een kan inni cimsuu, tokkummaa waldaa kiristaanaa amantoota raasaan, kan yeroo wanti foonii kan inni fiduu akka jiru kan itti fufee jiruu dha, du'a dabbalate (3:17). Kun kallatiidhaani kan wal qabatuu foon Kristoosii fi, waldaa kiristaanaa, ulfina saba Waaqayyootiif kennuu dhiisuu dha (Hoj.erg 5, 1 Qoro 5:5, 1 Xiimoo 1:20).

**11:31 "Akka"** kun ramaddii lama hima haalaa yeroo ta'uu, innis "dhugaa dhaa wajjin faallaa" jedhamee waamama. Innis hiikamuu kan qabuu "mataa keenyaa akka ta'uutti yoo qoree in goonee malee, nutti hin faradamu ture, taaneera" kan jedhuu dha. 4:7 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**11:32 "Gooftaadhaan in hifatama"** kiristaanni yoom rakkina akka fudhatan beekuudhaaf sababii rakkisuufi

1. Isaan addunyaa kufe keessa jiraachuu isaanii
2. Isaan gocha cubbuu isaanii kan fiduu kan haamaan ta'uu isaanii
3. Isaan bilchina hafuuraatii fi gooftaadhaan qoramuu isaanii (Ibiroota 5:8)

Waaqayyoo in qoraa in hifatas (Ibiroota 12:5-11). Innis raga jaalalaatii fi ejjeennoo maatii keenyaan.

◘ **"Waan ta'ee fi biyya lafaa wajjiniin akka hin ceepha'aamne"** kan yeroo adaba amantootaa, isaaniis waldaa kiristaanaa Waaqayyoo kan miidhan tarii gochaa jaalalaa ta'a, waldaa kiristaanaa haalaa balleessuutiin adaba hamaa akka isaan hin argannee eeguu wajjin kan wal qabatee ta'uu danda'a (3:10-17). George Ladd In A Theology of New Testament (barumsii waaqayyummaa Kakuu Haaraa) kan jedhuu irraa heeruun barbaada.

"Biyyi lafaa kan ishee kan ta'ee amantaa qabdi,innis namoota of qabuu fi garbummaa seeraa kan qabuu, kunnis bifa ogummaa kan qabuu fi, kan kennuu fi mataa ofii leenjisuu haala irratti kan xiiyafatu, haa ta'uu malee ga'umsa isaa irratti mucaan namaa kan mudatee bitaacha itti galuu safuu hiika itti kennuu irratti akkasumaan kan ta'ee (Qola 2:20). Ilaalcha kana irraa ilaaluun kan danda'amuu biyyi lafaa murtii Waaqayyoo jalatti ta'uu isheeti (1 Qoro 11:32) fi barbaachisummaa haraaramuuti (2 5:19, Room 11:15)" (fuula 399).

## I Qorontos 11:33-34

**33Kanaafis yaa obboloota ko! Irbaata gooftaa isa qulqulluu nyaachuudhaaf yommuu walitti qabamtan wal eegaa. 34Walitti qabamuun keessan firdii Waaqayyoo akka isin irratti hin hin fidneef, namni beela'e mana isaatti haa nyaatu! Waa'ee dhimma isa kan biraa immoo yemmuun dhufu nan seerradha*.**

**11:33 "Kanaafis yaa obboloota koo, nyaachuuf yeroo walitti qabamtan wali wali keessan eegaa"** kun kan argisiisuu lakk. 21 dha. Isaan godhaa kan jiran akka namoota dhuunfaatti, akka maatiitti, qaama utuu hin ta'in. isaan godhaa kan jirani Yesus jaalalaani gocha mataa isaa kennuuni karaa faallaadhaan.

**11:34 "Akka"** kun gocha xiyaafataa ammaati. Amantootni baay'ee yoo beela'aan irbaata gooftaa irratti albaadhummaadhaani karaa of jaallachuutiin in socho'uu, egaa irbaati wali wajjini wal makuu isaani dura, yoo beela'an quufuutu irra jiraata.

**NASB** **"Wanti faallaan yeroo dhufeetti nan seerra dha"**
**NKJV** **"Akkasumas kan hafee immoo yeroo dhufutti nan seerra dha"**
**NRSV** **"Waa'ee wantoota hafanii yeroon dhufutti qajeelfaman kenna"**
**NRSV** **"Wantoota hafan kan ilaalatee, yeroo dhufutti nan seerra dha"**
**NJB** **"Wantoota biraa yeroon dhufutti seeran qabachiisa"**

Phaawulos waldatti kiristaanaa kanaafi ibsi tarreefamaa kenne hundumtuu, guutuu ta'aanii akka darbaniif Waaqayyo ilaalu dhiisuu isaa hubadhu. Kunnis irbaata gooftaa wajjin qofa deemuudhaa fi yookaan dhimmoota biraa kan mirkanaa'e hin qabu. I Qorontos qindaa'uma (wal faanaa deemuu kan hin qabne gaaffoollee baay'ee deebisuu) guduunfaan isaa kana. Irbaati gooftaa wanti guddaani seera irbaata qulqulluu macaafa irratti hin argamne, haa ta'uu malee Yesus Kristoosi wajjini walitti dhufeenya jiruu dha. Kan hafan seerri amantii Waaqayyoof yoo ta'ee laphee gaarii caalaa faayidaa in qabu, isaanis waldaa kiristaanaatiif jaalalaa ala kan burqu.

## Gaaffoollee maree

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Kristaanonni ammaayyaa waaqeffannaa waldaa kiristaanaa Kakuu Haaraa seera fi bocii hundumtuu wal baayisuutu irra jiraa?
2. 11:2-16 waa'ee dubartootaa waaqeffannaa galma walga'ii ga'een geggeessummaa hirmaanaan maal jedha?
3. Marati bara ammaa wajjin maaltuu wal qabachiisa?
4. Roomeetti jaarraa tokkoo aadaan dubartootni hin maratanii fi dhiirootni maratan rakkoon isaan qaban ibsi.
5. Boqonnaa 11 irratti Phaawulos waa'ee irbaata gooftaa kaayyoo guddaa inni ibseef maal ture?
6. Lakk.30 akkamitti ibsita?

# I Qorontos 12

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| | | | | Seera Sirna Waaqeffannaa kan walga'ii (11:2-14:40) |
| Kennaalee Hafuuraa | Kennaa Hafuuraa baay'innaan tokkommaanis | Kennaa Hafuuraa adda addaa | Kennaalee Hafuura Qulqulluu | Kennaalee Hafuuraa |
| 12:1-3 | 12:1-11 | 12:1-3 | 12:1 | 12:1-3 |
| | | | 12:2-3 | Keenaalee baay'achuu fi tokkummaa |
| 12:4-11 Dhagna qaama heedduu qabu | Garaagarummaa fi tokkummaa kan dhagna tokkoo | 12:4-11 Dhagni tokko qaamolee adda addaa qabaata | 12:4-11 Dhagna tokkicha qaama adda addaa | 12:4-11 Fakkeeny Ummaa dhaganaa |
| 12:12-31a | 12:12-31 | 12:12-13 | 12:12-13 | 12:12-17 |
| | | 12:14-26 | 12:14-20 | |
| | | | 12:21-26 | 12:18-21 |
| | | 12:27-31 | 12:27-31 a | 12:22-26 |
| | | | 12:31b | 12:27-30 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Qabiyyee barreefama 12:1-31

A. Boqonnaa 11-14tti barreeffama yaada tokkoo uuma, innis waaqeffannaa tokkummaa kan argisiisuu dha. Waldaan kiristaanaa manaa Qorontositti rakkina baay'ee qabu turan. Phaawulos dhimmoota baay'ee kana isaanitti dubbateera, kunnis waldaan kiristaanaa waa;ee dhimma barreesiteef, walumaagalatti (7:1, 25, 18:1, 12:1, 16:1, 12). Waaqeffannaa wali wajjin wajjin kan wal qabatee dhimmootni baay'ee
   1. Akkamitti akka kadhatamuu fi raajamuu
      a. Dhiirri utuu in maratiin
      b. Dubartiin maratee
   2. Of tuullummaa fi cabsuun, kennawwaan hafuuraa kan ilaalatee
   3. Kennaa akkamitti akka hojii irra oolchuun danda'amuu waaqeffannaadhaan
      a. Afaan haaaadhaan kan dubbatanii fi kan hiikaan
      b. Faarfatoota
      c. Raajootaa

B. Barreefama sadii qabu, kennaa hafuuraa wajjin kan adeemu
   1. Boqonnaa 12- isaan Kristos irratti kan xiyaafatuu tokkummaa in jajjabeesuu?
   2. Boqonnaa 13 –jaalala in jajjaabeessuu?
   3. Boqonnaa 14 – qaama isaa in qulleessuu?

C. Kennawwaan hafuurootaa baay'ee tarreefamni isaa Kakuu Haaraa keessa jira (Roomee 12, 1 Qoro 12-14, Efe 4:11 fi 1 Pheexi 4:10-11). Tarreefamni isaa wal fakkaata miti jedhees, kennaa hafuuraa duraa boodaa wal fakkaataa miti. Isaan fakkeenya bakka bu'aani dha tarreefama murtaa'aan utuu hin ta'in. kennaan tokko tokkoo hojii irra kan oolani waaqeffannaa wali wajjiinitti kan biroon garuu kan irratti xiyaafatan wal gahii waaqeffannaa tokko tokkootti ala.

Phaawulos kennaa hafuuraa cimsi inni kaa'ee ajaa'ibsiisaa dha, haa ta'uu malee tokkoo ayyaanichaatiin akkamitti akka argatu yookaan kan beekuu muraasa kan inni dubbatte. Ani kanan irratti wali galuu in taane baay'een isaa "qormaati hafuuraa" jabeessuudhaaf bara keenyatti guddachaa kan dhufan. Isaan kan qoran Kakuu Haaraatti ayyaanoota tarreefamanii dha. Baay'een ayyanootni tarreefaman ifatti kan ibsaman miti (jechuun, kan geggeessaa ayyanootaa Efe 4:11). Naannoo kanatti kanin argadhee qajeelfamni wayyuu IVP macaafa, mata dureen isaa Affirming The Will Of God By Paul little (jaalala Waaqayyottii jabaachuu kan jedhuu dha). Ogummaan wal fakkaataan kiristaanaa innis fedha Waaqayyo akka arganuuf kan nu gargaaruu dabalataniis immoo kennaa nu baasuu keenya adda baasuuf nu gargaara tajaajilaaf.

1. Adda baafnee akka kadhanuuf
2. Kan nu beekan kan bilchaataan kiristaanoota gaafachuun ammam jabina kan ta'ee keessa keenya akka jiru
3. Naannoo adda addaa ilaaluudhaaf kan banaman balbaloota carraa ilaaluu
4. Yaada laphee duukaa bu'uu

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

### I Qorontos 12:1-3

**[1]Yaa obboloota ko! Waa'ee kennaa garaa garaa hafuurri qulqulluun kennuu, akka hubattan nan barbaada*. [2]Isin amma illee saba Waaqayyoo utuu hinta'in dura, karaa irraa kaachifamtanii gara waaqayyolii tolfaman warra duudaatti, akka oofamaa turtan in beektu*. [3]Akkasumas namani hafuura Waaqayyootiin geggeeffamu, "Yesus abaaramaa dha" jechuu, namni tokko illees hafuura qulqulluutiin yoo ta'e malee, "Yesus gooftaa dha" jechuu, akka hin dandeenye cimsee isinittan beeksisa*.**

**12:1 "Ammas kan ilaalate"** kun 1 Qoro gaalee irra deddeebi'aa dha, kunnis Phaawulos waldatti irraa kan ta'an gaaffii adda ta'an yeroo deebbisu kan argisiisuu (7:1, 25, 8:1, 12:1, 16:1, 12)..

◘

**NASB, NKJV** **"Kennawwaan hafuuraa"**
**NRSV** (yaadannoo miila jalaa) **"Namoota hafuuraa"**
**NRSV** **"Kennaa hafuura qulqulluu irraa ta'an"**
**NJB** **"Kennawwan hafuuraa"**

Jechi Girikii *pneuma* heeddumiinsa kan hubachiisaa dha. Kunnis argisiisuu kan danda'uu namoota, ayyanoota yookaan kan hafuuraati (jechuun, wantoota hafuuraa, 14:1).

### Mata duree addaa: Hafuura Macaafa Qulqulluu keessatti

I. Jecha Girikii
   A. *Pneō*, hafuufuu
   B. *Pnoē* qilleensa, hafuura
   C. *Pneuma* , hafuura, qilleensa
   D. *pneumatik*os, hafuuraan fudhatamuu
   E. *pneumatikōs,* , kan hafuuraa

II. Falaasama Girikii bu'uura taasisuun (*pneuma*)
   A. Aristotili jechicha kan fayyadamee akka humna jireenyaati, innis dhaloota jalqabee mataa isaa amma bitutti ijaaraa kan deemee
   B. Sitoohikooni jechicha kan fayyadamanii *psuchē*, (lubbuu) wajjin wal fakkaataa dha, *nous*, (sammuu)

dabalate, qaama miiraa shananii fi yaada namaa wajjin kan wal qabate.

C. Yaada warra Girikii, jechichi gocha Waaqayyummaa wajjin wal qixa ta'eera (jechuun, hafuuroota waamtu, xonqaa'ii, tolchituu, moortuu,….)

III. Kakuu Moofaa (*ruah*)

A. Gochawwaan Waaqa Yihudootaa (jechuun, hafuura qulqulluu, Kakuu Moofaatti yeroo sagaltama fayyadama irra ooleera)
   1. Bifa fudhatama qabuun Uumama 1:2
   2. Bifa alta'aadhaan 1 Saamu 16:14-16, 23, 1 Mooto 22:21-22, Isaay 29:10

B. Waaqayyo jireenyi inni kennee nama keessatti kan hojjetuu (jechuun, hafuura Waaqayyoo Uumama 2:7)

C. Saptuuwaajeentii *ruah* kan jedhu *pneuma* irratti in hiika si'a 100 LXX irratti (torbaataman) fayyadama irra ooleera.

D. Barreefamni barsiisootaa warra boodaa raajii raawwii barreefamaa fi maraa garbaa du'aa, isaanis kan Zoriyaastiriyaaniziimi dhiibbaan kan irra jiru, *pneuma* fayyadama irra kan oolee ergamaadhaa fi seexaanaaf.

IV. Kakuu Haaraan (*pneuma*)

A. Argama Waaqayyoo addaa, humna, fi kennuu isaa

B. Hafuura qulqulluu hojii waldaa kiristaanaa Waaqayyoo wajjin wal qabata
   1. Raajii
   2. Dinqii
   3. Wangeela ifatti labsuu
   4. Ogummaa (jechuun, wangeela)
   5. Gammachuu
   6. Barri haaraan kan inni fiduu
   7. Dhaloota lama (jechuun, kadhachuu fi buluu)
   8. Kristosin fakkaachuu
   9. Kan tajaajilaa ayyanoota adda addaa
   10. Amantootaaf kadhachuu

   Hafuurri qulqulluun fedha ijoollee namaa damaqsa, Waaqayyoodhaa wajjin tokkummaan jiruu, kunnis isaan kan itti uumamani. Tokkummaan kun in danda'ama, sababii isaa Yesus irraa, Waaqayyoo Masihii hojii qaama isaa irraan kan ka'e. Damaqiinsi hafuuraa haaraan gara jireenya Kristosiin fakkaachuuti, tajaajila fi amanachuuti geggeessa.

C. Caalatti kan beekamuu akka hafuuraatti hafuura qulqulluu itti fufee jiru gara tokkoon, fi mucaa namaa akka fooniitti uumama biyya lafaa kana, garuu immoo gara tokkoon immoo fakkaatti Waaqayyoo kan ta'ee uumama hafuuraati.

D. Phaawulos barreessaa Kakuu Haaraati, innis kan hafuura Qulqulluu/hafuura xin-waaqummaa tiin kan ijaaramee dha.
   1. Phaawulos hafuura fayyadama foon faalleessuudhaaf (jechuun, uumama cubbuu)
   2. Phaawulos hafuura gargaarama kan foonummaa mormuudhaaf
   3. Phaawulos hafuura qulqulluu/hafuura gargaarama yaada namootaa, beekumsaa, fi argamuu mormuudhaaf

E. I Qorontos irraa fakkeenyoota muraasa
   1. Hafuura qulqulluu 12:3
   2. Humna Waaqayyoof ogummaa isaa kan ibsuu karaa hafuura qulqulluutiin 2:4-5
   3. Gocha Waaqayyoo amanaa keessatti
      a. Yaada haaraa2:12, 14:14, 32
      b. Mana qulqullumaa haaraa 3:16, 6:19-20
      c. Jireenya haaraa (jechuun, kan safuummaa) 6:9-11
      d. Jireenya haaraa, fakkeenya cuphaadhaan ta'ee 12:13
      e. Waaqayyoodhaa wajjin tokkummaa (jechuun, dhaloota lammaa) 6:17
      f. Ogummaa Waaqayyoo, ogummaa biyya lafaa utuu hin ta'in 2:12-15, 14:14, 32, 37
      g. Tokkoon tokkoon amanaa kennaa hafuura qulqulluu kan qabuu ta'uu isaa, tajaajilaaf, boqonnaa 12 fi 14

4. Kan hafuuraa fallaa isaa kan foonii wajjin 9:11, 10:3, 15:44
5. Kan hafuuraa biyya lfaa faallaa isaa kan foonii biyya lafaa 2:11, 5:5, 7:34, 15:45, 16:18
6. Gara namoota kan hafuuraatti/jireenya keessa karaa ittin argisiisuu qaama foonii tokkoo irraa garagarummaan akka jiruu 7:34

F. Namooti uumama isaanittiin addunyaa lama irraa jiraatu (jechuun, kan foonii fi kan hafuuraa) mucaan namaa Waaqayyo dhaa wajjin firooma qabuu irraa kufeera (Uumama 3). Jireenya Kristosiin, barumsoota, du'a, du'aa ka'uu fi karaa abdii deebi'uu hafuurri qulqulluun mucaa namaaf in kadhata, amantii wangeelaatti akka baran, tuqaa kanaanis Waaqayyoo wajjin tokkummaa akka qabaataniif kan deebi'an. Hafuurri qulqulluun qaama sadan tokkoo yeroo ta'uu innis kan bara tolaa haara amala kan godhatee dha. Hafuurri quqluulluun bakka bu'aa Waaqayyoo abbaa fi itti waamamaa ilmaati, kanaanis "bara". Rakkina kan qabaatu sababni isaa bara haaraa yeroo isaatti dhufuu isaatiifi kan bara moofaa hameenyi amma iyyuu utuu jiruu yeroon isaa ta'uu isaati. Hafuurri qulqulluun isa moofaa gara isa haaraatti jijjira, lamaanuu wali wajjin yoo jiratan iyyuu.

◘ **"Obboloonni"** Phaawulosi "obboloota" irra deddeebi'ee fayyadama, dhimma mata duree jijjiiruuf kan argisiisuu. Kun gaalee jalqabaa qabiyyee barreefama Phaawulos sadii iyyata qabateera, mata duree dhimmichaa jijjiruuf (1)amma kan ilaalate (2)obbolootaa fi (3) kan hin beeknee akka taatan in barbaadu. Boqonnaa 11-14 ti kan inni ilaalatu bifa adda ta'een kallatti waaqeffannaa tokkummaati. Phaawulos gara Qorontositti kan inni erge ergaan isaa baay'ee rakkisaa dha. Isa kanas inni irra deddeebi'ee "obboloota" fayyadamuun isaa, maatii Waaqayyoodhaa wajjin tokkummaan isaan qaban yaadachisuudhaaf (1:10, 11:26, 2:1, 3:1, 4:6, 6:5, 8, 7:24, 29, 5:12, 9:5, 10:1, 11:2, 33, 12:1, 14:6, 20, 26, 39, 15:1, 6, 50,58, 16:11, 12, 15, 20, [2] Qoro 1:8, 8:1, 23, 9:3, 5, 11:9, 13:11).

◘ **" 'Kan in beekne akka isin taatan in fedhu'"** kun gaalee irra deddeebi'aa ta'ee dha, barreefama Phaawulosiin (Room 1:13, 11:25, 1 Qoro 10:1, 11:3, 12:1, 2 Qoro 1:8, 1 Tesso 4:13). Kunnis tokkoon karaa isaatti, faayidaa kan qabuu dhimma mata duree haaraa beeksiisuudhaaf.

**12:2 "waaqa tolfamaa waaqessaa akka turtani"** kun kan hin xumuramiin kan argisiisuu dha. Amantoonni kun yeroo tokkootti waaqa tolfamaa waaqessaa tura, amma garuu yaada kanaaf gocha kana wajjin deemuu dhiisuutu irra jiraata. Waldaan kiristaanaa Qorontos dhiibbaa gadi fageenya qabu kan irra ture (1)Shaakala waaqa tolfamaa waaqeessuu fi (2)aadaa Roomee. Lamaanuu wangeela irratti dhiibbaa geessisu turan, karaa sirri in ta'iniin.

◘

**NASB** **"Dogogoraan geggeefamtanii"**
**NKJV** **"Fudhatamtanii…akkasumas geggeefamtanii"**
**NRSV** **"Isinis dhiibbamtanii fi dogogoraan geggeefamtanii"**
**NRSV** **"Isinis karaa baay'eedhaan dogogoraan hoofamtanii"**
**NJB** **"Isinis dhaabbachuu caalaa fudhatamtaniitu"**

Gaaleen kun lama kan wali wajjin adeemuu gochama qaba, "geggeefamuu" hundee jedhu. Gaaleen inni jalqabaa gocha in xumuramin kan argisiisuu dha, inni lammataa immoo keeyata hojii irra oolee ammaatti, "isinis in geggeefamtuu turtan, itti fuftanitus" kan jedhuu dha.

Jechi lamanis immoo apio walinga jedhuun kan cimee dha, innis "akka hidhamaatti geggeefaamuu" yaada jedhu kan qabu (Maar 14:44, 15:16). Isaan kunni kan duratti waaqa tolfamaa waaqessan bifa itti fufeenya qabun to'annaa seexanaa jala turan. Shaakala waaqeffannaa isaanitiin (10:20) jijjiiramuu isaanii dura.

◘ **"waaqa tolfamaa in dubbanneef"** kun kan argisiisuu dubbachuu yookaan hubachuu kan in dandeenye waaqa tolfaamaa dha (Isaayaas 46:5-7, Ermi 10:5, Imb 2:18-19) hafuura qulqulluu irraa faallaa isaa.

**12:3 "Eenyuu iyyuu hafuura Waaqayyootiin yoo dubbatee"** kun jecha bukee Ibirootaati, liqimfamuudhaaf (1 Saamu 10:10, 19:23-24). Kun amantoota kan itti dhagaa'aamu eenyu iyyuu Waaqayyodhaafan dubbadha kan jedhuu hundumtuu akka hin goone dha. Tokkoon tokkoon amantootaa ergaa Waaqayyoo in dubbanna kan jedhan dirqamatti qoru qabu (12:10, Keessa deebii 18:20-22, Maati 7, 1 Yoha 4:1-3).

▣
**NASB "Yesus abaaramaa dha"**
**NKJB "Yesus abaraamadha jedhamee waamuun"**
**NRSV "Yesus abaaramaa akka ta'ee"**
**NRSV, NJB "Yesus irratti abaarsa"**

Kun ibsa naasisaa dha. Maaliif kam illee (Yihudoota durii irraa kan hafee) Waaqayyoof dubbanna kan jedhan eenyuutu akkas jedhaa? Jechi isaa (jechuun, *anathema*) mataan isaa kan Kakuu Moofaa (seenaa boodaa) jedhe (jechuun, Ibirootaan, *herem*). Innis waraana qulqulluu yaada rime wajjin adeema, kunnis magaalatiin Waaqayyoodhaaf laatti, kanaafis qulqulluu taati. Kana jechuun hafuura kan qabu eenyu illee, namas ta'ee bineensi du'uu qaba (Isaa 6:17, 7:12).

Jechi kunni akkamitti Qorontositti fayyadama irra akka oole wixineen jiran

1. Innis kan Yihudootaa yoomii fi eessa qaba, kakuu galma waaqeffannaa wajjin kan wal qabatee (Hoj.erg. 26:11, jechuun booda irratti kan qindaa'ee kan barsiisootaa abaarsii kiristaanoota galma waaqeffannaa irraa baasuudhaaf fayyadama irra ooleera). Miseensa ta'ee turuudhaaf inni tokkoo Yesus nama Naazireetiin fudhachuu dhiisuu yookaan abaaruutu irra jiraata.
2. Innis kan haala warra Roomaa keessatti waaqeffannaa mootii moototaa wajjin kan adeemu dha, Qeesaar qofti "Gooftaa" jedhamee kan waamamu
3. Innis kan waaqeffannaa waaqa tolfamaa yoomii fi eessa qaba, achittis kakuun isaanii uummatichaan kan jedhaman maqaa waaqa tolfamaa fayyadamuudhaan. Kun hiikamuu kan danda'uu "Yesus haa abaaramuu_" kan jedhuu dha (16:22).
4. Innis gaalicha tokkoo yaad-rimee xin-waaqummaa wajjin walitti firoomsuu danda'a, kunns, Yesus abaarsa Kakuu Moofaa nuuf jedhee baachuu isaa (Keessa deebii 21:23, Galaa 3:13).
5. Qorontos irraa kan ta'ani xiyaafanaan dhi'oo (yaadannoo miila jalaa lakk.1 fuula 164 Bruce Winter's after Paul Left Corinth (Phaawulos Qorontosiin erga gadi dhiisee booda) galmee gabatee abaarsaa magaalaa durii Qorontositti argameera. Beektootni macaafa qulqulluu akka tilmaamanitti "dha" kan jedhuu gochamni wal qabataan, gaalicha irratti kan inni of duukaa buusuu "Yesus kan abaaramee dha" kan jedhuu dha, haa ta'uu malee kunni ragaa boca durri ifatti kan argisiisuu isaan jaarraa tokkoo bara Roomee abarsoota gochama Qorontos irraa ta'an in qaban (akkuma abarsoota tokko tokkoo LXX (torbaataman) Keessa deebii 22:15-20 irratti akkuma jiranitti) lakk.irratti kan jiran akka ta'an. Dabalatan bocii durii ragaan jechuun jaarraa tokkoo Roomee kiristaanoota Qorontos jecha abaarsaa fayyadamu turan, iddoo awalchaa geggeessuu irratti (jechuun, bara Beezaantiniiti), awalaa kiristaanaa irratti kan argaman J.H.Kenet, the Inscriptions, 1929-50. Princeton: Amercan School of classical studies, 1966, guca 8:3 lakk. 664).

Qoqodooni waldaa kiristaanaa tokko tokkoo kakuu waaqa tolfamaa maqaa Yesusitti in geedaru turan, miseensa waldaa kiristaanaa kan birootiin misensa irratti faallaa isaa. Toofata qofa miti rakkoo kan ta'u, yaada jibbaa hundumaa malee. Kunnis fakkeenya biroodha, waldaa kiristaanaa giddutti kan jiru faallaan falmi. Phaawulos isaan akka isaan ta'aan kan inni barbaaduu waldaa kiristaanaa akka ijaarani dha, waldaa kiristaanaa akka qulqulleessan. Isaan qoqodonni waldaa kiristaanaa abaaruu barbaadaniiru!

## MATA DUREE ADDAA: ABAARSA (ANTHEMA)

Afaan Ibrootaatti "abaarsaaf" jechoota hedduutu jiru. *Herem* jechii jedhu waanta Waaqayyoof kenname waliin itti dhimma bahameera. (LXX akka *anathema*, Seera Lew. 27:28) walumaagalatti badiisa ibsuuf (Keessa Deeb. 7:26, Iyyaasuu 6:17-18; 17:12). Akka yaada "waraana Qulqulluu" ibsuutti itti dhimma bahameera. Waaqayyo akka warreen kana'aan balleessuu fi Iyyaarikoon ammo isa jalqabaa taatu dubbateera. Firii isa jalqabaa.

Kakuu Haaraa keessatti *anathema* fi kan isa fakkaatanu bakka hedduutti yaada adda ta'een hojii irra oolaniiru.

1. akka kennaa ykn Waaqayyoof aarsaa dhiyaatutti (Luq. 21:5)
   akka du'aatti (HoE 23:14)
2. abaarsaa fi kakatti (Marq. 14:71)
3. abaarsaa Yesuusiinitti hidhateen (1Qor. 12:3)
4. nama ta'e tokkoof wwaa kennuu ykn firdiif waa arjoomuu ykn barbadeessuu Waaqayyoo (Rom. 9:3, 2Qor. 16:22, Gal. 1:8-9)

◘ **"Yesus gooftaa dha"** kunni amantaa labsii waldaa kiristaanaa ishee duritti (lachuutiin Roomee 10:9-13 fi Hoj.erg. 2:21, Iyu 2:33, kan heeramee, akkasumas Filli 2:11 ilaali. Innis Waaqummaa Yesus Kristosi fi Masihii ta'uu isaa kan mirkaneessuu dha.

◘ **"Hafuura qulqulluu irraa ta'uu yoo baate irraa kan hafee"** gochaan hafuuraa qulqulluu biyya lafaa waa'ee cubbuutii fi ceephaa'uudhaaf namoota gara Kristositti fiduu dha (Yoha 16:8-14). Eenyu illee namni kufee gara Waaqayyootti yookaan Kristoositti deebi'uu hin danda'uu amma hin gargaaramneeti (Yoha 6:44, 65). Kunni dhoksaa olaantummaa Waaqayyootti, nama fakkaatti isaatti tolchee hundumaa jaallachuu itti gaafatamummaan kan kakuu isaa isaanii deebii kennuu yoo ta'ees (akkasumas deebii isaanii itti fufuu) qalbi jijjiiranaadhaan, amantii, aboomamuu, tajaajilaa fi cimina!

## I Qorontos 12:4-11

**4 Kennaan hafuuraa gooftaan ergamanii fi garuu tokkichuma* 5Ergaa gara garatuu jira gooftaan ergamaniif garuu tokkichuma*.6Hojii garaa garaatu jira, Wasaqayyo inni hojii hundumaa adduma addaan yaada namaa keessa kaa'u garuu tokkicha*. 7 Karaan kennaan hafuuraa adduma addaan nama keessaa mul'atu, hundumaaf bu'aa akka ta'uuf kenname*. 8 Isa tokkoof ogummaadhaan dubbachuutu hafuuraan kennameef*; 9 isa kaaniif amantiitu hafuuruma sanaan kennameef, isa kaaniif immoo kennaa warra dhukkubsatan fayyisuutu hafuura tokkicha sanaan kennameef; 10 isa kaaniif dinqii hojjechuutu, isa kaaniif raajii dubbachuutu, isa kaaniif hafuura gargar baasee beekutuu, isa kaaniif afaan hin beekamneen dubbachuutu, isa kaaniif afaan hin beekamne sana hiikuutu kennameef*! 11 Hafuurri innumti tokkichi sun hojii kana hundumaa hojjetamuudhaan in ga'a; inni akka jaalala isaatti tokkon tokkoon namaaf kennaa addaa in hira*.**

**12:4-6**

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"Adda addaa"** |
| **NKJV** | **"Kan adda addaa"** |
| **NRSV** | **"Wantoota adda addaa"** |
| **NJB** | **"Kan gara garaa"** |

Jechi kun hiikii isaa (1) qooqooduuf yookaan (2)kan gara garaa (12:4, 5, 6). Asitti ifaa kan ta'ee kan barreefama walbukee lakk.4, 5 fi 6 gidduu jira, innis kan qaama sadan tokkoo foon tokko kan godhuu (mata duree addaa: 2:10 irratti ilaali).

**12:4-6 "Hafuura …gooftaa…Waaqayyoo"** gocha sadan tokkummaa innis tokkummaa fi cimsa kan laatuu baay'ina giddutti tokkoo ta'uu dhiisuu isaa hubadhu. Waldaan kiristaanaa namoota ayyana qaban kan walitti qabamtee dha. Tokkoon tokkoof in barbaachifna tokkoon tokkoon kan fayyadu dha. Tokkoon tokkoon ayyana tajaajilaa qaba. "Sadan tokkoo" jechi jedhuu kan macaafa qulqulluu miti, yaad-rimeen isaa garuu akkas. Mata dure addaa, sadan tokkoo 2:10 irratti.

**12:4 "Kennawwaan"** kun jecha adda addaatti, lakk.1 irratti kan jiru. Jechi Girikii kun *charisma* dha. Innis "*chairō*" hundee jedhuu irraa kan ta'ee hiikii isaas gammachuu, yookaan gammachuun guutamuu (7:30, 13:6, 2 Qoro 2:3, 6:10, 7:7, 9, 16 fi sun wajjin wal makaa 12:26 fi 13:6). Asis yaad-rimee baay'een in ba'u.

1. *chara* - gammachuu itti tolaa
2. *charis* –kennaa kennuu (16:3, 2 Qoro 8:4, 6)
   a. Ayyaana (1:4, 15:10)
   b. Galata (15:57)
3. *charizomai*
   a. Kennaa kennuu
   b. Dhiifama (2 Qoro 2:7-10, 12:13)
   c. Gatii haquu
4. *Charisma* –kennaa tolaa (Room 5:15, 16, 6:23, 2 Qoro 1:11) yookaan ayyaana Waaqummaa taayitaa (12:4, 9, 28, 30, 31) isaan hojii Kristoositti, duuka buutota isaa giddutti kan qoqodamee. Amantootni kennaa isaanii dirqamatti wal bira dhaabutu isaan irra jirataa, jalaalaa fi wali wali gargaaruudhaan,

waan ta'eef waldaan kiristaanaa biyya lafaa badee akka mootuu fi duuka buutuu akka gootu (Mati 28:19-20, Luq 24:47, Hoj.erg 1:8).

**12:5 "Kennawwan"** jechi Girikii kuni diakonos dha. Kakuu Haaraatti fayyadama baay'eetu jira.

1. *Diakonos*
   a. Tajaajilaa (Maat 20:28, 22:13, 23:11, Yoha 2:5)
   b. Tajaajilaa/lalabaa (3:5, 2 Qoro 3:6, 6:4, 11:15 [al lamaa], 23)
2. *Diakoneō*
   a. Tajaajiluu (1 Pheexi 4:11)
   b. Diyaaqon (Room 16:1, 1 Xiim 3:8, 10:13, Filli 1:1 hubadhuu).
   c. Bulchiinsa (Hoji.erga 6:2, 2 Qoro 3:3, 8:19, 20)
3. *Dikonia*
   a. Gaargaarsa kennuu (Hoji.erg. 6:1, 2 Qoro 8:4, 9:1, 12, 13)
   b. Tajaajila wangeelaatiif (12:5, 16:15, 2 Qoro 4:1, 5:8, 6:3, 11:8)
   c. Ibsa Waaqayyo biraa ta'ee (2 Qoro 3:7, 8, 9)

Yaada furtuu kan ta'uu kan biroo tajaajiluu fi gargaaruu dha, yeroo rakkatanitti (jechuun, hafuuraaniis ta'ee fooniin). Waaqayyo waldaa kiristaanaa isaa kan inni kennee akka tajaajiltuuf –mataa isaani akka tajaajlaniif biyya lafaa bade fi rakkatee akka tajaajilaniif.

**12:6**
**NASB** **"Bu'aawwaan….hojjiiwwaan"**
**NKJV** **"Gochaawwaan…hojiiwwaan"**
**NRSV** **"Gochaawwaan…raawwaachuu"**
**NRSV** **"Dandeettiwwaan….dandeetti"**
**NJB** **"Gocha… hojii"**

Kunni *energēs* jechi jedhuu tapha isa irraas jecha Ingilli energy (humna) kan ittiin arganu. Hundeen hiika isaa gocha dandeetiidhaan raawwachuu dha. Himii kunni maqaa fi keeyata simatu (gochama) qaba (gocha ammaa). Phaawulos jecha kana ergaa Qorontositti yeroo baay'ee fayyadama.

1. *energēs, energeia,, energeō, energ'ma*, 1Qoro 4:12, 9:6, 12:6, 10, 11, 16:9, 10, 2Qoro 1:6, 4:12.
2. *ergon* fi *sunergeō,* 1Qoro 3:13, 14, 15, 9:1, 15:58, 16:10, 2Qoro 6:1, 9:8, 11:15.

Hojiin Waaqayyoo hojii bu'aa qabuu dha. Innis kaayyoo isaa galmaan ga'aa. Amantootni kan waamaman tajaajila dammaqaadhaaf haa ta'uu malee humni isaa fi bu'a qabeessuummaan isaa kan Waaqayyooti.

**12:7**
**NASB** **"Haa ta'uu malee hafuurri qulqulluun mul'ata bu'aa tokkoon tokoof kenna"**
**NKJV** **"Haa ta'uu malee hafuurri qulqulluun mul'ata tokkon tokkoniif kan inni kennuuf bu'aa hundumaatiif)**
**NRSV** **"Tokkon tokkooniif hafuurri qulqulluun mul'ata bu'aadhaaf laata"**
**NRSV** **"Argamuun hafuura qulqulluu karaa ta'een tokkon tokkoon namaatti in mul'ata bu'aa hundumaatiif"**
**NJB** **"Tokkoon tokkooniif hafuura bifa adda ta'een mul'ata in kenna bu'aa wali galaaf akka ta'uuf"**

Dhugaan kun baay'ee kan fayyaduu dha, jireenyaaf tajaajila waldaa kiristaanaatiif.

1. Tokkoon tokkoon amanaa bilisa kan kennamee kennaa ayyaanaa qaba, hafuura qulqulluudhaan kan kenname, fayyinaa fi tajaajila.
   a. Tokkoon tokkoon amanaa kan fayyaduu dha
   b. Tokkon tokkoon amanaa abbaa kennaati
2. Kayyoon kennaa Waaqayyoo sadarkaa dhuunfaa guddisuu miti, fayyina qaama wali galaatii fi guddinaaf male. Tokko tokkoof in barbaachiifna

Dhugaan kunni cimee barbaadama, ishee qoqodamtee of tuultuu, mataa isaanitti kan amanan amantoota Qorontosii fi (fi bara hundumaatiif). "Bu'aadhaaf" sumpheron, 6:12, 7:35, 10:33, 2 Qoro 8:10) qaama isatiif,nama dhuunfaaf utuu in ta'in. Amantootni itti gaafatamummaa dhuunfaa fudhachuutu isaan irra jiraata tokkummaa hafuura qulqulluu eeguudhaaf, hidhaa nagaa (Efes 4:2-3). Kunnis kan lixaa dhuunfummaa jijjiirama hundee ta'ee adda kan ta'ee dha.

## Mata duree addaa:Kiristaanummaan kan walitti qabamee dha

A. Dubbi haalaa Phaawulosii fi Pheexiroos
   1. Qaama
   2. Bakkee
   3. mana

B. "Qulqulluu" jechi jedhuu yeroo baay'ee kan baay'eetti (Filli 4:21 irraa kan hafe achitis taanaan walitti qabaa dha)

C. Kan Maartiin Luter cimsa haara'umsaa "kan amanaa seerri lubummaa" dhugaa Macaafa qulqulluu miti. Inni kan amantootaa seera lubummaati (Ba'uu 19:6, 1 Pheexi 2:5, 9, Mul'ata 1:6).

D. Tokkoon tokkoon amanaa bu'aa walittif kennaa qaba (1 Qoro 12:4)

E. Tokkummaa qofaan sabni Waaqayyoo bu'a qabeessa kan ta'u. tajaajilli tokkummaadhaan (Efes 4:11-12).

**12:8**
**NASB, NKJV** **"Dubbii ogummaa….dubbii beekumsaa"**
**NRSV** **"Ogummaa mul'isuu…beekumsa mul'isuu"**
**NRSV** **"Ergaa ogummaan guutamee….ergaa beekuumsaan guutame"**
**NJB** **"Ogummaa ayyaana tarreessanii ibsuu…beekumsa ayyaana tarreessanii ibsuu"**

Jecha Girikii adda addaa lama qabuu "ogummaa" (jechuun *Sophia*) fi "beekumsa" (jechuun, *gnō sis*) isaan Ibirootaan "ogummaa" fi "beekumsa" gidduu kan jiruu garagarummaa callaqisiisu. Gocha jalqabaatti laman immoo caalatti kan barumsaati. Kan jalqabaa jireenyi kiristaanummaa jiraachuu wajjin adeema, laman immoo Doctirinnii kiristaanaatiif ibsa sirrii dha.

**12:9 "Amantii"** kun amantii fayyinaa kan argisiisuu miti akka Maar 1:15, Yoha 1:12 sababni isaa kennooti amantoota qofaaf waan kennamaniif, haa ta'uu malee amantiin dinqiidhaan hojjeetu iniis 13:2 irratti ifaa kan ta'ee (Maati 17:20, 21:21).

◘ **"Fayyisuu"** jechi kun (*iaomai*) kan baay'eeti (2 Qoro 12:7-9, 28, 30) innis akkuma jirutti "kennaa fayyisuu). Fayyisuun hafuura qulqulluu irraa kennaa ta'ee dha, qabiyyeen barreefama kanaa akkasumas "jaarsoollii" tajaajilli Yaaq 5:14. Fayyisuun qaamaa jaalala Waaqayyootii fi ragaa kununsaa isaati dha, akkasumas millikitni kennaa fayyisuu hafuuraa (jechuun, dhiifama cubbuu, fayyina). Yihudootaaf cubbuutti fi dhukkubatti, tolatti fi fayyummaa gidduu walitti dhufeenyatu ture (Keessa debii 27-28). Ta'us Iyoobii fi Faarf 73 dhimmicha in ibsu, Yoha 9 akka godhee hundumaa. Dhoksaa kan ta'u tokko tokkoo yeroo fayyan kan biroon m,aaliif akka in fayyinee dha. Amantiin tokko tokkoo gahee furtuu ta'uu in danda'u, fedha Waaqayyo malee. Innnis ammam amantii akka godhanu raawwate miti, yaada amantii keenyaa malee (amma ija sanaaficaa amantiin geessuu garoota sochoofti Maati 17:20).

Waaqayyoo waa'ee fayyisuu, kan fayyisan, fi waldaa kiristaanaa waan kununsuuf haa gallatoomu!

**12:10 "Dinqi gochuu"** kun kan fakkaatuu lakk.9a wajjin wal bukkee dha (jechuun amantii dinqii godhuu). Tarreefamni isaa kana ta'uus guutuu guutuutti wal fakkaataa ta'uu in danda'u. garaagarummaa beekamee miti.

◘ **"Raajii"** jecha kana hubachuudhaaf yoo xinaate karaan lama jiru (1)Ergaa Qorontositti kun kan argisiisuu wangeelaa irmaachuu yookaan labsuu (14:1) (2)Macaafa Hoj.erg raajoota heerera (11:27-28, 13:1, 15:32, 21:10 raajoota dabalatee 21:9).

Jecha kanaan rakkoon jiruu kennaan raajiin Kakuu Haaraa rajoota Kakuu Moofaa akkamitti adeemaa? Kan jedhuu dha. Raajonni Kakuu Moofaa barreessaa jechichaa turan. Kakuu Haaraatti jechi kun kan kennamee warra tokkoo kudhalamaan Ergamootaa fi gargaartoota isaani ture. "Ergamoota" jechi jedhuu itti fufeenya kan qabuu kennaan kan itti fufu dha (Efe 4:11) haa ta'uu malee gocha jijjirameen du'a warra kudha lamaani boodee,

itti gaafatamummaa raajoota itti fufeera. Liqimfamuun dhaabbateera, kan biraa dabalatee liqimfamuun qulqulluu sagallee isaa hin jiru (Yihudaa lakk.20). Raajonnii Kakuu Haaraa gocha dursu wangeela labsuu dha, garuu immoo gocha erga ta'ee tarii dhugaan Kakuu Haaraa haalaa yerchaa fi haala fedhaa hojii irra oolchuuf. Mata duree addaa: Raajii Kakuu Haaraa 14:1 irratti ilaali.

## Mata dure addaa: Raajii Kakuu Moofaa

I. Seensa
   A. Ibsawwaan seensaa
      1. Hawwaasii amanan akkam godhanii mul'ata akka isaan hiikan walii galtee hin qabu. Dhugaan jiru garuu ejjennoo sir'ataa ta'e irratti barootaaf irratti kan hundeefaman yemmuu ta'u, inni kun garu miti.
      2. Sirritt kan ibsaman baayyeen mul'atni Kakuu Moofaa keessatti mul'atan sadarkaa qabu.
         a. Dursa aboo dhalootati dadarbu (premonarchial)
            (1) Abbaa mul'ataa jedhamanii namoota waaamaman
               (a) Abrahaam uumamaa 20:7
               (b) Musee- lakk 12:6-8, Keessa deebi 18"15,34:10
               (c) Aroon Ba'uu 7:1 (dubbii himaa Musee)
               (d) Maariyaamii Ba'uu 15:20
               (e) Meedaadii fi Eldaadi lakk. 11:24-30
               (f) Diiboora Abboota firdii 4:4
               (g) Maqaan kan hin ibsamne Abboota firdii 6:7-10
               (h) Saamu'eel 1 Samu'eel 3:20
            (2) Abba mul'ataaf akka ibsituwwan gareeti- Keessa deebii 13:1-5, 18"20-22
            (3) Gareewwan raajii yookaan walfakkaatan – 1 Samu'eel 10:5-13, 19:20, 1 Moototaa 20:35:41,22:6,10-13, 2 Moototaa 2:3,7,4:1,38, 5:22,6:1, k.k.f
            (4) Masihii kan (kan dibame) abbaa mul'ataa jedhama Keessa deebi 18:15-18
         b. Kan hin barreefamne aboo dhalootati darbu (Moonrkisummaa) (isaaniis mootii agarsiisu)
            (1) Gaadii – 1 Samu'eel 22:5,2 Samu'eel 24:11 1ffa Qor 29:29
            (2) Naatan -2 Samu'eel 7:2, 1 Mototaa 1:2
            (3) Ahijaa -1 Mootota 11:29
            (4) Jeehu – 1 Mootota16:1,7,12
            (5) Maqaan isa kan hin ibsamne 1 Mootota18:14,13,20:13,22
            (6) Eliyaas - 1 Mootota 18, 2 Mootota 2
            (7) Milkiyaas - 1 Mootota22
            (8) Elsaa – 2Mootota2:8,13
         c. Raajii barreefama durii (isaanis Uumata yookaan moticha ibsu), Isaayasii hanga milkiiyaasiti (Dani'eel malee)

   B. Jechoota Macaafa Qulqulluu keessaa
      1. *Ro'eh* = "Raajii" 1 Samu'eel 9:9 kun kan inni caqasu Naabii hiika jedhu dha. Rohii jecha waligalan "ilaaluu" kan jedhu irraadha namni kun yaada Waaqayyoo fi karaa Waaqayyoo kan hubate yemuu ta'u, dhimma tokko irratti yaada Waaqayyoo barruuf kan mariisisani dha.
      2. *Hozeh* = "Raajii" 2 Samu'eel 24:11 innis hundee isaa irra Rohi waliin walfakkaata innis jecha yeroo hundaa itti hin fayyadamne "ilaaluu" dha. Hundeen keewwata kanaaa yeroo hundumaa faayidaa irra kan oluu raajii agarsiisuuf dha. (jechuunis "ilaalaa")
      3. *Nabi'* = "Raajii" jechoota warra Akkaadiyaniif Naabuu wajjiin wal fakkaata "waamuu" fi naabaa namicha biyya Araba= " labsuu" kun Kakuu Moofaa keessatti raajii ibsuuf yeroo hundumaa kan beekamee dha. Innis si'a 300 ol hojii irra ooleera. Gaaleewwaan jecha sirrii ta'e hin beekamu haa ta'uu iyyuu malee "waamuu" yeroo ammaa kanati foya'aa ta'e argameera. Hubbannoon foyya'aa argamuun kan danda'amu. Yaahiwwee Museen walquunamtii Fari'oon wajjiin qabu karaa Aroon gochuu isaa karaa itti ibsamedha. (Ba'u 4:10-16,7"1, Keessa deebii 5:5) raajii jechuun karaa Waaqayyoo namatti kan dubbatudha. (Amoos 3:8, Ermiyaas 1:7-17,Hiziraa 3:4)

4. Jechoonni sadan hundumtuu garee raajootaan hojii irra olaaniiru 1 Seena Bara 29:29, Samu'eel, Rohii, Naataan, Naabiyii fi Gad – *Hozeh* irratidha.
5. Jechichi – "*ish ha - 'elohim*" "nama Waaqayyoo" jechuunis balla'aa kan ta'e ibsitu dha. Waaqayyooti kan dubbatu. Innis si'a76 Kakuu Moofaa keessatti hojii irra ooleera. "Raajii" miira jedhun.
6. "Raajii" kan jedhu jechijalqabni isaa Girikii dha innis kan inni dhufe (1) dursa – fuldura yookaan "fi" (2) Feem – "dubbachuu"dha.

II. Ibsa Raajii

A. "Raajii"afaan ingli irra caalaa Ibrootaatto hiika bal'aa ta'e qaba. Iyaasuu kaasee hanga macaafa Moototaa (Ruut) utuu hin dabalin kan jiran macaafonni seenaa, Yihudotaatti akka raajota warra duraatti beekamu, lammanuu Abrhaam (Uma. 20:7; Far. 105:5) fi Musee (Kes. 18:18) akka raajotaatti lakkaa'amu, (Mariyaam dabalatee Kes: 15:20). Kanaaf isa tilmaammii kan ta'e hiika ingli irraa of eeggadha.

B. "Raajummaan karaa seera qabeessa ta'een mul'achuu kan inni danda'u akka seenaa hubachuutti, innis hiika karaa kaayyoo kan waaqayyummaa ta'een, hirmaannaa kan waaqayyuummaa ta'een kan fudhatu" *Dictionary of the Bible*, jildii. 3, fuula 896.

C. Raajii, kan falaasaa ta'es beekaa barnoota hafuuraa kan ta'es miti. Garuu kakuu gidduu ta'ee sagalee Waaqayyoo gara saba isaatti kan fidan yeroo ta'an isa dhufuuf jirus agarsiisuudhaan isa ammaas areessuudhaaf " Raajii fi isa raajii dubbatu" kan jedhu *Encyclopedia Judaica* jildii. 13 fuula 1152 haala gaariitti kaa'a.

III. Kaayyoo raajii

A. Raajiin,Waaqayyo saba isaaf karaa ittiin himuudha. Haala amma keessa jiraniif geggeessummaan kan kennamuufiidha. Akkasumas jireenya keenya wantoonni biyya lafaa ta'annoo keessa akka galuuf abdii akka qabaataniifidha. Ergaan isaanii hundee isaa irraa kan gurmaa'eedha. Jechuunis ibsuuf, jajjabeessuuf, amantii uumuuf fi qalbii jijjiirrannaaf. Sababii kanaaf waaqayyo ni hubachiisa mataa isaatiifis ta'e karoora isaatiif. Isaanis saba waaqayyoo ni qabatu. Gara kakuu waaqayyootti amantii jabaa kanarratti dirqamee dabaluun kan ta'u ija yeroo hundumaa faayidaa irra oolu, filannoo dubbii hima Waaqayyoo ibsuudha. (Kees. 13:1-3; 18:20-22 kun gara dhumaatti kan fudhatamu Masihicha ibsuuf dha).

B. Yeoo hundaa raajiin bara isaa seena-qabeessa ykn humna waaqayyummaasaarraa fudhata. Kanaaf dhimma kana dhimma gara dhumaa godheetu ilaala. Seenaan kun seenaa ilaalcha yeroo dhumaa ta'e Isiraa'el keessatti kan adda ta'eedha. Kanaaf filannoon humna Waaqayyummaa fi abdiin kakuu yaadni isaa kan adda ta'eedha.

C. Muudama raajota waliin wal madaalsisuuf waan barbaade kan fakkaatu (Ermiyaas.18:18) fi luba beekamaa muudamaan aangoo qabachuun yaada Waaqayyoo akka beekumsaatti godhanii fudhachuudha. Urii fi tuumiin (uffata lubootaa) dubbi-hima Waaqayyo biraa kan inni fide gara sagaleetti kan godheedha. Muudamni raajotaa Milkiyaas booddee Isiraa'el keessatti kan raawwate fakkata. Innis turtii waggaa afurii booddee hanga cuuphaa Yohaannistti hin muudamne. Kennaan raajummaa bara Kakuu Haaraa Kakuu Moofaa wajjin akkamittiin akka walsimu kan mirkaneessu hin qabu. Raajota Kakuu Haaraa (Erg.11:27-28: 13:1; 14:29; 32:37; 15:32; 1Qor.12:10-28,29: Efesoon.4:11) mul'ata haaraa ykn sagalee warra ibsan miti garuu haala kakuu Waaqayyoon fedha isaa kan dubbatan warra raajaniidha.

D. Raajiin amalli isaa kan goolabame ykn duraan dursamee kan beekame miti. Raajuun muudamuu isaa fi ergaa isaa karaa ittiin mirkaneessuudha. Garuu inni dirqama galmaa'uu kan qabu raajii Masichaarraa %2 kan hir'ateedha. %5 gadi kan inni mul'isu bara Kakuu Haaraa dha. %1 gadi gara fuuladuraatti haaluma ka'amaniindha. (Fee and Stuart, *How to Read the Bible For All Its Worth*, fuula 166)

E. Raajonni Waaqayyoon saba isaadhaaf bakka yommuu bu'an luboonni isaa immoo saba isaa Waaqayyoon duratti bakka bu'u. kun ibsa walii galaati. Addummaa kan qabaatanu ni jiraatu. Kan akka Inbaaqoom, kan gaaffii isaa Waaqayyoodhaaf dhiyeessu.

F. Raajorta hubachuu dhadhabuuf sababni keenya inni tokko kitaabni isaanii akkamiin akka gurmaa'an beekuu dhiisuu keenya dha. Seenaan tartiibaan kan ka'aman miti. Hiika kan qaban ni fakkaatu garuu yeroo hundumaa eenyu illee karaa inni eegu miti. Yeroo hundumaa ifaa kan ta'e seenaa amma tartiiba yeroo yeroo ykn hafuura wajjin ifa kan ta'e garuu hin qabu. Kitaabileen kun rakkisoota dha. (1) Altokkoon dubbisuuf (2) Mata duree issdhaan farrajuuf (3) Tokkoon tokkoon mul'ataa irratti giddu

galeessa dhugaa isaanii ykn aboo isaanii mirkaneessuuf.

IV. Amala Raajii

A. Kakuu Moofaa keessatti "Mootii" fi "Raajii" yaadni ka'umsa isaanii guddachaa waan dhufe fakkaata. Isiraa'el durii keessatti gamtaan raajotaa jabaachaa dhufee ture. Isas kan geggeessaa ture warren akka Eliyaas, Elsaa kkfn geggeessitoota dhiibbaa uumaa turaniidha. Gaaf tokko "ijoollee raajotaa" yaadni jedhu faayidaa irra oola ture garee kana adda baasuuf (2 Moot. 2). Raajonni amala isaaniitiin kan isaan itti ramadaman bifa nama liqimsuuniidha. (1Sam.10:10-15; 19:18-24)

B. Haa ta'u iyyuu malee yeroon kun gara raajota dhufaniitti jijjiirameera. Raajonni turan kun (warra dhugaas ta'e warra sobaa) mootii biratti kan beekaman, mana mootii jiraachaa kan turan (Gaad, Naataan) darbees bilisa kan ta'an turan. Al tokko tokkos hawaasa Isiraa'elii wajjin wal hin argan turan (Amoos) Isaanis dhiiraa fi dubara turan (2Moot. 22:14)

C. Raajiin yeroo hundaa buusii kan tilmaamaa tureedha. Deebii namootaa irratti kan hirkate hojiin raajotaa yeroo hunda kan inni ture. Kan keessa hin deebine karoora guutuu isa kan Waaqayyoo uumama hundaafkan ture yommuu ta'u. Innis deebiin namootaa lafa irra hin harkifatu. Hojiin raajotaa yeroo hunda xiyyeeffannoo raawwannaa raajotaa gara baha bara durii biratti adda kan ta'e ture. Sirrumman raajii fi kakuun xiyyeeffannoo qabu ergaan raajichaa kun kan agarsiisu raajonni dursa gamtaa irratti xiyyeeffatu. Isaan yeroo hundaa cuunfaatti otuu hin ta'in uummata kan agarsiisaniidha.

D. Raajiin baay'een sagaleen (afaaniin kan dhiyaatuudha). Gara dhumaa irratti dha kan inni jabaate, qabatamaatti duraa duuba seenaa irratti ykn barreessitoota warren gara bahaa keessatti ture. Amma garuu hin argannu. Innis barreeffamaan waan ta'eef akka dubbisaa barreeffama ariitiin kan tumame hin qabu. Kunis kitaabicha tooraan dubbisuuf rakkisaa godha.

E. Raajonni ergaa isaanii dabarsuuf mala adda addaa fayyadamu:
   1. Agarsiisa mana murtii- Waaqayyo saba isaa gara mana murtiitti fudhata, yeroo baay'ee gargar bahuu irratti, innis hewaan haadha manaa isaa hin fudhanne jechuun (Isiraa'el) amantuu taatee waan hin arganmeef. (Hoose'aa 4:Milk.6)
   2. Kanneen nama boossisan- adda kan ta'e ergaan akkasii safartuu kan ta'e amalli isaa "wayyoo" bif aadda ta'e kanaaf (Isaay. 5; Imbaaqoom.2).
   3. Kakuun abbaa kan inni ittiin ifuamalli kakuu jabina kakuu kennameerraaf akkasumas bu'aa inni fidu fudhachuu fi diduu yeroo itti aanutti ba'a. (Keessa deebi.27:28)

V. Kakuu hiikuuf qajeelfamoota gargaaran

A. Raajii isa duraa (qopheessaa) yaada barbaaduun tokkoon tokkoon raajii qabiinsa barreeffamaa galmeessuun. Innis yeroo hundumaa kan inni dhufu Isiraa'el kakuu muse biraan dhufe cabsuu isati.

B. Raajii hundumaa dubbistee hiikuu, kaffaltii isaa qofa miti isa akka qabatanis ramaduu isaas raajii naannoo waliin akkamitti akka walsimu ilaali. Kitaaba isa guute baafata isaabaafachuuf yaala.

C. Hiika guutuu keeyyatichaa illalaa deemi. Barreeffamicha keessa fakkenyota afaanichaanbarreeffaman kaa'i.

D. Seenaa yeroo fi keeyyata walcinaan agarsiistuu gochotaa fakkeenyotaan ibsi. Seenaan bara durii kun barreeffamoota kanneen gara bahaa warren ammayyaa warren dhihaa akka hin taane yaadadhu

E. Raajota seeraan kaa'i
   1. Isaan yeroo barreessichaa adda baasanii kan ilaalaniidhaa?
   2. Isaan seenaa Isiraa'el keessatti gara dhumaa irratti ta'eeraa?
   3. Isaan dalagaa isa itti aanuudhaa?
   4. Isaan kanaan kan walqabate xumuraa fi gara fuulduraatti xumura ni qabaatuu
   5. Geggeessaa gaaffii kootiif akka ta'uuf barreessitoota Kitaaba Qulqulluu ilaali. Barreessitoota warren amma dhiiste.

F. Xiyyeeffannoo addaa
   1. Haalli raajichaa deebii haala kan barbaachisuudhaa?
   2. Raajichi eenyuuf akka ta'e sirriitti barreeffameeraa? Maaliif?
   3. Karaa lamaanuu karaa macaafa qulqulluu fi karaa seena-qabeessa ta'een raawwannaa dacha ta'een carraa jiraate qabaa?

4. Kitaabileen Kakuuwwan haaraa liqifamuudhaan ilma Waaqayyo Kakuu Moofaa keessatti bakka baay'eetti arguun danda'ameera. Innis nuufis ifa kan nuuf ta'e isaanis ramaddiitiin ykn haala galiinsa jechaatiin kan fayyadaman fakkaata. Nuti hamma hin liqimfamnetti haala galiinsa jechootaa kana isaaniif yoo dhiisne kan wayyuudha.

VI. Kitaaboota nu gargaaran

A. *A Guide to Biblical Prophecy* by Carl E. Amending and W. Ward Basque
B. *How to Read the Bible for All Its Worth* by Gordon Fee and Douglas Stuart
C. *My Servants the Prophets* by Edward J. Young
D. *Plowshares and Pruning Hooks: Rethinking the Language of Biblical Prophecy and Apocalyptic*
E. E. *New International Dictionary of Old Testament Theology and Exegesis,* vol. 4, pp. 1067-1078

◘

**NASB** **"Hafuura adda baasuu"**
**NKJV** **"Hafuuroota adda baasuu"**
**NRSV** **"Hafuura adda baasuu"**
**NRSV** **"Hafuura qulqulluu irraa kennaa argamee fi kan isaa kan hin taanee giddutti dandeetti garagarummaa isaa dubbachu"**
**NJB** **"Humna hafuurota adda baasuu"**

Mucaa namaatiif kennaan jiru burqaa sadii qaba: (1) Uumamaan (jechuun, kennaa uumamaa) (2) Hafuura qulqulluudhaan, fi (3) Seexanaan. Kennaan kunni burqawwaan kana giduu dhaa ta'uu isaa kennaa adda baasuuti (1Ximo 4:1, 1 Yoha 4:1-3).

◘ **"Afaan hin beekamnee adda addaatiin"** kun jechi Girikii "afaan hin beekamnee" dha (jechuun *glōssa*). Innis Kakuu Moofaatti fayyadama irra kan oole "uummataaf) akka wal fakkaataati. Girikiidhaan inni fayyadama irra kan oolu afaan uummataa hasaa'uudhaan. Kunnis yaadi isaa kan beekamee afaan namootaa hiika kan qabatee dha. Ta'us, hiika kan barbaachiisuu, innis immoo kennaa hafuuraa kan ta'ee, bakka hiikaa, Phaawulosiin kan boqonnaa 14 ibsi guutuun kan ilaalamee, tokkoo akka yaaduu geggeessuu danda'a, kun Qorontosin kan ture sagallee gammachuu akka ta'e.

Qorontosin kan turan "afaanoota" sirritti akkamitti godhamee Pheentakoosteetti Hojii ergamoota irratti kan galma'aani wajjin akka deeman ifaa miti. Hoj.erga 2 irratti kan jiruu dinqiin kan guraatti (2:6, 8, 11), kan afaan hin hin beekamini utuu hin ta'in. Hoji.erg. irratti kan ta'an afaani hin beekamne wangeela kallaatiidhaan dabarsuudhaaf oolaniiru, bakka sana kan turan alaa kan dhufani Yihuudootni. Innis immoo argamuu Waaqayyo humna, fi fedha hubachuudhaaf gargaareera, obboolota biraas dabalachuudhaan kan akka Saamirawootaa (Hoji.erg 8) fi Qoroneliyoos, raayyaa Roome itti gaafatamaa (Hoj.erg. 10). Hojii ergamootaa irratti kan turan afaan hin beekamneen kan amanan Yihuudotaaf mallattoo ture, kunnis, uummata keessaa akka itti dabalaman Waaqayyo balbala akka isaanii bane (15:8). Hojii ergamoota irratti tokkoo illee kan hiikuu jiraachuu dhiisuu isaa hubadhu!

Qorontositti afaan hin beekamne kan turan amantii Girikootaa haasaa gammachuu wajjin wal fakkaataa dha (fakkeenya, Deelifi). Afaan hin beekamnee kan Qorontos walummaa galatti akka malee fayyadama irra ooleera yookaan hangaa oli ulfeessaniiru (13:1 fi 14:1-33).

Afaanni hin beekamnee amanaa tokkoo dhuunfaa Waaqayyoo wajjinin kan inni qabu walitti dhufeenya dhi'oo karaa argisiisuu dha, garuu utuu hin hubatin. Innis kennaa mirkanaa'eedha (14:39) haa ta'uu malee inni amantoota hundumaaf miti (12:29-30 innis gaaffii wal duraa duubaa kan qabaniif "miti" deebii jedhuu kan eegani). Innis tokkoo akka fayyee kennaa argisiisuu miti yookaan nama hafuuraa akka ta'e. Afaan haaraa irratti hiikii yoo eda'amee kan biraa wangeelaa fi faayidaa isaa karaa tamsaasuu dha.

◘ **"Hiika afaan hin beekamne"** Qorontos magaalaa addunyaa turte, aadaa isheetiin Roomee, teessuma lafaatiin Girikii. Tessuma magaalatti adeemsa galaana irraa bal'aa kan qabduu, kunnis Girikitti biyya Girikiitti ji'a ganaatti, akkasumas bitta warra bahaa, bittaa warra Lixaa buufata daldalaa turte. Lammii hundumaa Qorontosiin turee, afaani adda addaa garuu waldaa kiristaanaatiif ergaa kan dabrsuu kennaa hafuuraa barbaachisa, kan hiikuu utuu in ta'in. Afaanni haaraan Qorontosiin turan afaan beekamu hin ture.

**12:11** lakk.kunni cimsa kan itti kennuu hafuura qulqulluu amanaa hundumaaf waa'ee tajaajila kennaa dhugaadha (7:18). Akkasumas immoo, kennichii fillannoo hafuura qulqulluutti, kan amanichaa utuu hin ta'in. Kennaan irraa

jalaa hin jiru. Kennaan hundumtuu kan qaama Kristos waldaa kiristaanaa akka tajaajilani dha (lakk.7). Isaani mallattoo ulfinaa miti, uffata tajaajilaatti male.

**MATA DUREE ADDAA: EENYUMMAA MATAA OFII QABAACHUU HAFUURA QULQULLUU**

Kakuu Moofaa keessatti "Hafuurri Waaqayyoo" (jechuunis *ruach*) humna kaayyoo Waaqayyo (YHWH) raawwatu ture, garuu wanti eenyummaa mataa ofii qabaachuu isaa ibsu hin jiru (jechuunis Kakuu Moofaa keessa Waaqa tokkichatti amanuu (monotheism). Garuu, Kakuu Haaraa keessatti eenyummaa mataa ofii qabaachuun Hafuura Quqlulluu barreeffameera.

1. Ittiin mormamuu danda'a (cf. Matt. 12:31; Marq. 3:29)
2. Inni nma barsiisa (cf. Luq. 12:12; Yoh. 14:26)
3. Inni dhuga baatuudha (cf. Yoh. 15:26).
4. Firdii in argisiisa, nama geggeessa (cf. Yoh. 16:7-15)
5. "isa" jedhameera (cf. Efe. 1:14)
6. Gaddisiifamuu danda'a (cf. Efe. 4:30)
7. Ukaamamuu danda'a (cf. 1Tas. 5:19)

Barreeffamonni waa'ee sadan tokkummaa dubbatanis waa'ee qaama sadi'ii haasa'u.

1. Mat. 28:19
2. IIQor. 13:14
3. 1Phex. 1:2

Hafuura Quqlulluun hojii namaa wajjin wal qabata

1. HoE 15:28
2. Rom. 8:26
3. 1Qor. 12:11
4. Efe. 4:30

Jalqaba Hojii Ergamootaa irratti qaadni Hafuura Quqlulluu xiyyeeffannaadhaan dubbatama. Phenxeqoosxeen jalqaba hojii hafuura Qulqulluu utuu hin ta'in boqonnaan haaraadha. Yesuus yeroo hundumaa hafuura Qulqulluu qaba ture. Cuuphamuun isaa jalqaba hojii Hafuura Quqlulluu miti, garuu boqonnana haaraadha. Luqaas waldaa kiristiyaanaa boqonnaa haaraa tajaajila ija qabuutiif qopheessa. Amma iyyuu xiyyeeffannaan Yesuus irra jira, Hafuurri Qulqulluunis karaa fixaan ba'umsa qabudha, jaalalli, dhiifamni fi nama bifa isaatti uumame hundumaa oolchuun Waaqayyo abbaas immoo kaayyicha!

## I Qorontos 12:12-13

**12 Kristos akka dhagna tokkicha isa bu'aa dhagnaa baay'ee qabuu ti; bu'aan dhagnaa sun yoo baay'atan iyyuu dhagnuma tokkicha*. 13 Nuyi Yihudoonni, warri Yihudoota hin ta'inis, warri garbummaa jala jiran, warri birmaduunis hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf hafuura tokkoon cuuphamneerra, nuyi hundumti keenya akka dhugnuufis hafuurri qulqulluun inni tokkichi nuuf kennameera*.**

12:12 kun keeyata haaraa irraa jalqaba innis qaama namaa walitti dhufeenya keessaa waldaa kiristaanaatii fi dubbii haalaattiin fayyadamuu (Efeson 4:4, 16). Innis baay'ee keessatti kan jru tokkummaa cimsa laata. Xiyaafannoon isaa kutawwan adda addaatti miti, qaama guutuudhaan malee, dhuunfaadhaan miti, maatiidhaan male.

Kakuu Moofaanii fi Kakuu Haaraan cimsa wali galee qaba (mata duree addaa: 12:7 ilaali). Kun garuu namootni kiristaanaa ta'an sadarkaa dhuunfaatti dhugaa qabaniin salphisuudhaaf miti, garu tokkoo ala tokkoo kiristaanaa yoo ta'ee xiyyafanoon isaa yeroo baay'ee kan inni ta'uu, fayyummaa qaama isaa hundumaa tokkuummaa, fi fayyina!

**12:13 "Hafuura isa tokkoon"** walingi kunni (en) hiikii isaa kan inni ta'uu " keessa" kan jedhuu "wajjini" yookaan "karaa isaa" dha. Konneen Girikii walingii mirkaneessuu doktirinii akka in godhannee of eegadhu. Kun Efeson 2:18, 4:4 wajjin wal bukkee dha.

Hafuura, Waaqayyo namoota waa'ee cubbuu isaanii galumsa ceepha'uu dha, gara Kristoositti kan fiduu, Kristoosis kessa'isaanitti suuraa dha (Yoh 16:8-14). Kun bara Afuura Qulqulluuti. Malattoon gocha kanaa barrii tolaa dhufuu isaati. Kennaan isaa hafuuraa Qulqulludha akasumasi Afuuri Qulqullun kenawwan laata, kunisi hojii mul'isuu Iyeesus Kritoos kan calaqisisuu dha, warra badan gara Kristositti fiduu fi akkasumas amantoota keessatti Kristosiin fakkaachuu tolchuu.

◘ **"Hundumti keenya qaama tokkoon cuuphamneera"** cuphaan bishaanii duraan dursee dhaloota lamma shakala uumameen dubbii haalaatti (Efeson 4:5). Karaa baay'eedhaan Efe 4-6 keeyata kanaa wajjin wal bukee dha. Cuuphaan kun ka'umsa fayyinaa argisiisa, innis amantootni qaama Kristoos, waldaa kiristaanaa wajjin kan walitti qabuu itti fufee hojii irra kan ooluu gaalee waktoollee "cuuphaan hafuura qulqulluu" bitaacha kan namtti galuu dha, sababni isaa immoo haala macaafa qulqulluutiin inni kan argisiisuu tokkoo Kristoosiin akka fayyisaati yeroo amanuu, humnaan guutaamuu fi, kennuudhaaf, jireenyii boodaa amantootaa shaakalli inni qabaatu ta'uu isaati. Shaakalli boodaa kun jiraachuu isaa in ganu, haa ta'uu malee jechi ani filladhu "shaakala gooftaa biraa ta'aani" dha jireenya kiristaanaa gurguddoo seenaa dubbisuudhaani murteesitootni in ba'u (1)Kristoosin amanachuun (2)isa tajaajiluuf yaaluu (3)ija dhummaa godhachuudhaaf dadhabuu (4)yaalii dhuunfaa irratti abdii kutachuu (5)Waaqayyoof kan barbaachiisuu kennuu, mataa isaa hojii hojjeechuu (6)tajaajilaaf humnaan guutamuu fi (7)ulfinni hundumtuu Waaqayyoodhaaf, nama qodaa ta'ee utuu hin ta'in.

◘ **"Yihudiis ta'ee Girikii, birmadduus ta'ee garba"** ammam namoota biyya lafaa garagarummaa fi daangaa in qabaatu, Kristoositti kan amanan gidduutti (IYuhel 2:28 Pheexiroosiin heeree Hoji erg 2:14-36, Galaa 3:27-28, Qolaa 3:17). Dhugaan kun cimsa kan itti laatu wal qixummaa amantoota hundumaatti. Ta'us inni garagarummaa hundumaa in dhabamsiisu. Amantootni hundumtuu kan waamaman, tajaajiloota kenna qabanii dha, haa ta'uu maleekristaanoonni ammas garba ta'uu danda'a.

Wal qixummaan kun Qorontosiin kan turan hawaasa Roomee naasisee ta'a,achitis namni raawwaatee aboo waan qabuuf (1)haadha manaa isaa irratti (2)ijoollee isatiif (3)garboota mana keessaa. Sadarkaa tokkummaa cimaa ture. Kan Phaawulosi jijjiirama hundee xin-waaqummaa barumsa Yesusi fi gochaa irratti kan hundaa'aani, jijjiirama ejjennoo cimaa qabu turan, ta'us naasiisaa ilaalcha addunyaa haaraa tokkummaa waldaa kiristaanaati ala in qabaatu kan turan (Efeson 5:18-6:9). Innis keessumatti, kunnis waldaan kiristaanaa Qorontos erga keessaa baatee.

◘ **"Hundumtii keenya hafuura tokkoo irraa akka dhugnuu godhamneera"** jechi kun fayyadama irra kan ooluu bishaan jallisiitiif. Innis akkuma jirutti hiikii isaa "kan ititee" dha, irbaati gooftaa kun akka argisisuuti hiikamee ture, Augistiin Luuteer, fi Kalviin, haa ta'uu malee Yohannis 7:37-37 kan ka'ee inni argisiisuu kan danda'uu hafuura qulqulluu dha, innis kan tokkummaa fi bakka bu'aa isa tokkoo, karaa hafuura qulqulluutiin kan walitti qabaman dubbii haalaa hawaasichaati.

Lamanuu "kan cuuphaman" fi "akka dhugan kan godhaman" gocha hojii irra oolee kan argisiisan yeroo ta'uu isaanis duraan dursanii, kan xumuramee hojii argisiisa. Yeroodhaa fi wal qixii isaa wal cina kan argisiisuu isaan kan kiristaanaa cuuphaa bishaanii kan irbaata gooftaa akka in argisiifnee dha, duraan dursee dhugaa xumuramee malee (hafuura qulqulluun jijjiiramuu, jechuun hojii irra kan ollee sagalee, yookaan Kristoosiin, Maati 3:11, Luqaas 3:16, Hoji.erg 1:5 yookaan abbaadhaan Hoji.erga 2:33).

## I Qorontos: 12:14-18

**14Dhagni tokko immoo bu'aa dhagnaa baay'ee qaba male, tokkicha duwwaa qaba miti. 15Fakkeenyaaf miilli, "ani harka miti, kanaaf ani kan dhagnaa miti" yo jedhe, kun bu'aa dhagnaa tokkoo ta'uu isaa hin oolchu. 16Gurris, "Ani ija miti, kanaaf ani kan dhagnaa miti yoo jedhe, kun bu'aa dhagnaa tokkoo ta'uu isaa in oolchuu. 17Egaa guutummaan dhagnaa ija utuu ta'ee, attamitti dhaga'uu danda'a ree? Guutummaan dhagnaa gurra utuu ta'ee attamiti fuunfachuu danda'a ree? 18Waaqayyoo garuu bu'aa dhagna hundumaa adduma addaan akka ofii barbaadetti iddoo iddoo isaatti qopheesse*.**

**12:14-8** Phaawulos qaama foonii akka fakkeenyaati in fayyadama walitti dhufenya wali galtee qaama namichaatii fi akka qaamatti guutuutti kan hojeechuuf jiru giddutti. Tokkoon tokkoon qaamaa qaama guutuudhaaf qaama hundumaaf fayyummaa fi bu'aa qabeessa hojiif barbaachiisaa dha.

**12:14** kun kan walitti qabamee dhuugaa dha, yeroo baay'ee boqonnaa kana keessatti irra deddeebi'ee (lakk.12, 13, 14, 20, 25, 27).

**12:15-16 "Akka…akka"** isaan lamaan kun ramaddii sada hima haalaati, humna guutuu kan argisiisan. Lakkoofsoti kun garee qoqodaman giddutti kan argaman faalaa wal falmii qofa miti kan argisisan, kennaan hafuuraa murta'aani olfuudhamanii ilaalamuu isaani male. Kennaan hundumtuu Waaqayyoo biraati, akkasumas inni tokkoon tokkoon amanaatiif isa kam akka ta'ee in fillaaf (lakk.11, 18).

**12:17, 19 "Akka…akka"** isaan kun kan hin xumuramiin ramaddii lama hima haalaatti (jechuun, lakk. 17 irratti gochamni hi jiru, akkasumas tokkoo illee faaleen xumuraa sadanuu isaa irra hin jiru). Kutaan jalqabaa soba (jechuun, qaamni hundumtuu ija miti lakk. 17 qaamni hundumtuu gurra miti, akkasuma qaamni hundumtuu qaama tokko miti, lakk.19 A.T.Robbert Son , A. Grammar of the Greak New Testament in light of storical research, (Kakuu Haaraan Girikii seer-luga qayyabbannaa seenaatiin ilaalcha) fuula 1015, 1023 fi short garammer of the Greak New Testament, (Kakuu Haaraa Girikii seer-luga gabaabaa fuula 166).

**12:18 "Waaqayyoo kaa'eera"** kunni gocha giddu galleessa kan argisiisuu dha, inis kan xumuramee gocha dhuunfaa kan argisiisuu dha. Lakk.11 hafuurri qulqulluun ayyaana akka hiruu dha kan jedhuu. Kunnis ifa kan ta'ee mallattoo dha, hafuura qulqulluun Waaqummaa ta'uu isaa! Mata duree addaa 2:11 ilaalai.

◘ **"Waaqayyo akka barbaadeetti buusaa qaama keessatti ka'eera, tokkoon tokkoon isaani"** kan heeramee uumamaaf, fakkeenyi isaa garuu kennaa hafuuraatiif (lakk.27). nuyi in fillannu, Waaqayyoo in kaa'aa.

## I Qorontos: 12:19-25

**19Bu'aan dhagnaa hundumtuu, bu'aa dhagna tokkichaa isa waan tokkicha duwwaa hojjetu yoo ta'e, attamitti dhagna guutuu ta'a re? 20Kanaaf akka amma jirutti, bu'aan dhagnaa baay'ee dha, dhagni garuu tokkicha. 21Iji harkaan, "Ati anaaf hin barbaachiftu" yookiis mataan millan isaatiin "Isin anaaf hin barbaachiftan" jechuu hin danda'u. 22 Caalaatti iyyuu bu'aa dhagnaa hundumaa keessaa bu'aa dhagnaa hundumaa keessaa warra barbaachisoo hin fakkannetu barbaachisoo dha. 23Bu'aa dhagnaa warra tuffatamoo nutty fakkaataniifis caalaatti ulfina in laannaaf; bu'aan dhagna keenyaa warri hin argisiifamne eegumsa caalaa in argatuu 24warra argisifamaaniif garuu eegumsi akkasii hin barbaachifne.Waaqayyo bu'aan dhagna namaa inni tuffatamaan ulfina caalaa akka argatutti walitti uume. 25"Inni uumes gargar ba'uun bu'aa dhagnaa gidduutti utuu hin argamin, qixxeetti walii isaaniitiif akka yaadaniif kana godhe.**

**12:22-24 "Dadhabaa….kan in ulfaanee…kan itti qaanoofnu…buusaa hirateef"** kun tarii kan argisiisuu qaama namoota sanaatti, wayyaadhaan kan maraman. Ibsi kun kan ibsuu ifa kan hin taanee xiqqoo ishee haala aadaatiin kan hin barbaannee "kana aboo" kan in taanee ayyanoota, isaan amma iyyuu fayyummaadhaa fi qaama gammadaa barbaachisaa kan ta'anii dha. Waaqayyoo/ hafuura qulqulluu ayyaana kenna, hundumtuu ayyanoonni in barbaachisu, kennaan hundumtuu ulfina qabu. Mata duree addaa dadhabummaa 2 Qoro 12:9 irratti ilaali.

◘ **"Ulfina baay'atee"** jechi kunni lamaanuun lakk. 23 fi 24 irratti jira. Mata duree addaa 2 Qoro 2:7 ilaali.

**12:25** lakk.kunni tuqaa guddaa Phaawulos in ibsa jechuun, (jechuun, *hina* gaalee gaalee gochaa). Waldaan kiristaanaa tokko ta'uu dha kan gargar qoqodaman utuu hin ta'in. Amantootni wali wali isaani wal kununsuutu irra jiraata (12:7), mataa isaanii wantoota in godhan!

Gochamichi wal cina, isaaniis wal irraa fudhachuu kan argisiisan gochuun kan irra jirus kanuma, haa ta'uu malee kana eenyuudhaaf akka godhanii shakkiin xiqqoon jira.

"Kunuunsuu" jechi jedhuu yeroo hundumaa hiiki isaa mudamaa fi dhiphinna (Maati 6:25, 27, 10:19, 13:22, 2 Qoro 11:28, Fiill 4:6). Innis immoo sirrii kan ta'ee yaada ibsa, akkauma barreefama kanaa 7:32, 33, 34 akkasumas Fill 2:20 .

◘ **"Wal qoqodiinsa"** jechii Girikii kuni *schisma,* dha, isa irraas jechi ingili schism (wal qoqooduu) schismatic argana. Phaawulos isaan"wal qoqodiinsa) heerera (1:10, 11:18) dursa. Isaan rakkina Qorontos isa guddaa ture. Wal qoqodinsichi kan wajjin adeemuu (1)geggeesitoota murtaa'aan (2)cimsa barrumsa waaqayyummaa murtaa'an (3)ejjeennoo gamtaa Roomee (4)ayyaanna murtaa'aaniif olaantummaa kennuu (5)gara waaqatolfamaatti yaadi isaani deebi'uu.

## I Qorontos: 12:26

**[26]Bu’aa dhagnaa kana keessaa inni tokko yoo dhiphate, hundinuu isaa wajjin in dhiphatu; inni tokko yoo ulfaate, hundinuu isaa wajjin in gammadu*.**

**12:26 “Akka…akka”** isaan kun sadarkaa tokkooa hima haalaati, *eite* kan yeroo ammaa kan argisiisuu 2 Qoro 1:6 gochama tokko malee Roomee 12:6-8, 1 Qoro 3:22, 8:5, 14:27, 2 Qoro 5:10). Innis kan Phaawulos hawwii isaa kan ibsuu, amantootni wali walii isaanii akkamitti wal qabuun akka irra jiraatu (Roomee 12:15).

## I Qorontos: 12:27-31

**[27]ammas hundumti keessan dhagna Kristos, adduma addaanis bu’aa dhagna isaatii ti*. [28]Waaqayyos waldaa kiristaanaa keessatti duraan dursee ergamoota, lamma warra waan inni itti mul’ise dubbatan, sada warra dubbii isaa barsiisan, kana boddees warra dhukkubsatoota fayyisudhaaf kennaa qaban , warra namoota gargaaran warra hojii geggeessa, warra afaan hin beekamneen dubbatan kaaseera*.**
**[29]Hundumatuu ergamoota ree? Hundumatuu mul’ata Waaqayyoo dubbaataa ree? Hundumatuu dubbii isaa barsiisaa ree? Hundumatuu dinqii hojjeetaa ree? [30]Hundumatuu kennaa dhukkubsatoota fayyisuu qabaa ree? Hundumatuu afaan hin beekamneen dubbataa ree? Hundumatuu isa dubbatame hiikaa ree?**
**[31]Isin garuu kennaa warra caalaan argachuudhaaf dhama’aa! Ani immoo isaan kana hundumaa irra isa caaluu isinitaan argisiisa*.**

**12:28 “Waaqayyoo ramadeera”** kun gocha giddu galleessa kan argisiisuu dha. Kunnis haala xin-waaqummaa tiin 12:18 wajjin wal cina.

◘ **“Waldaa kiristaanaa”** mata duree addaa 1:2 irratti ilaali.

◘ **“Ergamoota”** jechi Girikii jecha Girikii tokko irraa “erguu” dha. Innis barsiisootaan fayyadama irra kan oolu kan biraatiif bakka bu’aa seera ta’ee nama ergameemeeni dha. Wangeela Yohannis yaada tokkoo kan qabuu Yesusi fi Masihiichaa dha, Waaqayyoodhaan kan ergamee. Kan ergamee inni bakka bu’aa isaa ergeera (Yoha 20:21). Mata duree addaa : kan ergamee 4:9 irratti ilaali.

Inni guddaan kun kan inni argisiisuu kudha lamanuuti, booda garuu kan biraatifiis fayyadama irra ooleera (1) Baranaabaas Hoj.erg 4,14 (2) Andrinikaas fi Juniyaa (Room 16:7) (3)Aphiloos (1 Qoro 4:9), (4) Yaaqoob wallakaa obboleessa Yesus (Galaa 1:19), (5) Hiphifiroodixes (Filli 2:25 (6 fi 7) Sillasii fi Ximootihoos (1 Tesso 2:2). Kennaawwaan Efeso 4:11 irratti heerameera, kennaa itti fufeenya qabu.

◘ **“Raajoota”** mata duree addaa: raajii Kakuu Haaraa 1 Qoro 14:1 fi raajii Kakuu Moofaa 12:10 irratti ilaali.

◘ **“Barsiisoota”** kennaan kun Hoji.erg. 13:1 irratti herameera raajii wajjin wal qabatee, haa ta’uu malee Efeso 4:11 inni kan wal qabatu tiksoota wajjin. 2 Xiimoo 1:11 Phaawulos barsiisaa, ergamaa fi barsiisaa akka ta’ee ibsameera. Asitti bilisa ta’ee kan dhaabatu fakkaata, Roomee 12:7 irratti akka jirutti. Innis immoo Yaaqoob 3:1 irratti kopha kophaatti ibsameera. Kun kan argisiisuu isaan kun kennaa geggeessummaa karaa adda addaatiin amantoota adda addaatii fi kennamuu akka danda’anii dha, fedhiin waldaa kiristaanaa yeroo sanatti yookaan bara tajaajiluu akka danda’an. Tokkon tokkoon isaani kennawwaan kanaa geggeesitooti qaban Wangeela labsu, haa ta’uu malee cimsa adda addaatiin.

◘ **“Dinqii”** lakk.9 fi 10 kennaan kun al lamaa, asitti garuu al tokkoo heeramuu isaa hubadhu. Dinqiin wangeela karaa ittin cimsuu ture. Isaanis wangeeloota keessatti fi hojii ergamoota beekamoo dha, akkasumas ergaa ergamoota irratti heerameera. Isaan amma iyyuu wangeelli haaraa kan isaanitti ta’ee naannoota kan baratamani dha.

◘ **“Fayyisuu”** kennaan kan hojjeetu lamaanutiin, jechuun jaalala Waaqayyoo ibsuu fi wangeela cimsuudhaan. Gaaffiin isaa Waaqayyo ammas in fayyisa kan jedhu miti, haa ta’uu malee maaliif tokko tokkoo qofni kan biraa dhiisanii? Kan jedhuu dha. Yaaqoob 5:13-18 qajeelfama dabalataa laata kun bifa kamii godhamuu akka qabu, waldaa kiristaanaa hosiftuuti. Yaaqoob keessatti kun kan waldaa hoosiftuu tajaajila jaarsoollitti, kennaa hafuuraa utuu hin ta’in.

◘

**NASB, NKJV "Gargaarsa"**
**NRSV "Gosa gargaarsaa"**
**NRSV "Kan biraa gargaaruu….humna"**
**NJB "Gocha gargaarsa ta'aan"**

Jechi kun fayyadama irra kan olluu "gocha gargaartuutiif"dha. Inni jecha wali galaatti fi tarii dhaabataati tajaajila gargaartuu ta'a (Filli 1:1 fi M. R. Vincent, *Word Studies*, (qayyabannaa jechootaa) guca lamaa (fuula 793).

◘

**NASB, NKJV "Bulchiinsoota"**
**NRSV "Gosa geggeesumaa"**
**NRSV "Aboon kan kennameef isaan akka geggeessaniif"**
**NJB "Kennawwaan…geggeesummaa"**

Jechi kun tokkoo irratti fayyadama irra kan oole konkolaachiisaa dooniitiif ture (mul'ata 18:17). Innis fayyadama irra kan oole in oola kan ture dubbii haalaatiin waldaa kiristaanaatii fi geggeesoota ture, akka geggeessatti kan tajaajilan. Kunnis kan biraa dandeetti geggeessuutti, gocha hafuuraa akka raawwataniif.

A. T. Robertson, *Word Pictures In Greek New Testament*, jildii 4 "gargaarsitoota" jedha, innis gocha gargaartootaa wajjin innis hiyyeesootaa fi kan dhukkubsatan kan gargaaran, akkasumas "bulchitoota kan jedhuu kan Phaaphasootaa/jaarsoollii/tiksoota/gocha kan inni argisiisu fuula 173-174.

◘ "Afaanoota haaraa adda addaa" lakk.10 ilaali

**12:29-30** isaan gaaffoolleen duraa boodaa hundumtuu kan isaan jalqaban keeyata alta'aa (gochama) dha (jechuun, MĒ) innis kan inni argiisiisuu gaaffiin isaa "miti" kan jedhuu deebii kan barbaaduu kuni keeyata fayyaduu dha, xin-waaqummaa gura guddisaa, jechuun "afaan haaraa" amantoota hundumaaf, innis mallattoo mirkaneefannoo fayyinaafi yookaan dhugaa hafuuraa mallattoo adda ta'ee dha deebii jedhu kan kennu. Inni kennaa dhugaa dha, inni haa ta'uu malee hundumaaf miti. Mormii biraan "afaanoota haaraa" fudhachuu dhiisuu dha, bara ergamootaatti akka darbeeti. Kunnis immoo xin-waaqummaa guraa guddisuutti (14:39).

Kan boqonnaa kanaa tuqaa wali gala kan ta'ee qaama tokko qaba, garuu buusaa adda addaatti kan jedhu. Buusaan kam iyyuu (jechuun, kennaa) dursa kan gahuu miti.

**NASB, NIV "Haa ta'uu malee kennaa caaluu jabeessaa barbaadaa"**
**NKJV "Haa ta'uu malee kennaa isa fillatamaa jabeessaa barbaadaa"**
**NRSV "Haa ta'uu malee kan wayyuu kennaa jabeessaa barbaadaa"**
**NRSV "Laphee keessan irra godhaa baay'ee kan wayyan kennawwan irra"**
**NJB "Yaada keessan kennaa wayyuu irra godhaa"**

Kun tokkos (1)gocha ammaa kan argisiisuu dha (jechuun, kan labsii dhugaa) yookaan (2)xiyaafataa gocha ammaa (jechuun, itti fufeenya kan qabuu aboomi). W.Randoleh Tate, Biblical interpretation (hiika macaafa qulqulluu), kan inni argisiisuu in fillata "isin kennaa wayyuu cimsitanii barbaadaa jirtu" akka kan biraatti kan Phaawulos yaadawwan ciggoo (fuula 22).

Lakk.kunni kutaa lama boqonnaa 13 wajjin dirqamatti deemuu qaba kennaa caaluu kan argisiisan (1)amantii, abdii fi jaalala dha 13:13 jaalalli kan caaluu ta'a (2)qaama guutuu kan qulqullessuu kennaawwan isaanis lallabuu fi barsiisuu (lakk.28).

Kun akkeekachiisa kan argisiisuu kan fakkaatuu waldaa kiristaanaa akka qaamatti dha. Nama dhuunfaa utuu hin ta'in. nama dhuunfaa irratti xiyaafachuun kan baratamee kan warra Lixaa dursa jalisuutti. Boqonnaan kun xiyaafannoon isaa hunduma irratti. Waldaan kiristaanaa hafuura qulqulluu akka kennaa dabalataatti gaaffachu (jechuun, amantootni) innis wangeela labsuudhaaf qaama isaa ijaaru.

## Gaaffii maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Kennaa hafuuraa irratti rakkinni kana fakkaatuu Qorontositti maaliif ta'uu danda'ee?
2. Amanaan kennaa hafuuraa isaa/kenna ishee kan fudhatan yoomii? Tokkon tokkoon tokkuma qabuu? Tokkoo tokkoo olii kennaa hafuuraa qabaachuu in danda'aa? Tokkoo kennaa isaa/fillachuu in danda'aa?
3. Kennawwaan hafuuraa kayyoon isaa maalii?

Amantootni akkamitti kennaa isaanii beekuu akka danda'anii qajeelfama

1. Waaqayyo adda baasee akka sitti argisiisuu gaaffadhuu
2. Kan biraa amantoota bilchaatan gaaffadhuu, kan isaan beekanii fi kennan kee maal ta'uu akka qabuu kan yaada.
3. Fedha uumama kee sakkata'ii
4. Kan qabduu irrattii ilaalcha caaluu fi kallatti hawwikeen socho'ii
5. Yaalii godhi akkasumas dhuunfaa keetti gammachisuudhaa fi ija hafuuraa ilaali

Isaan kun kan jaallataman Paul little, Affirming The will of God (fedha Waaqayyoo jabbeessuu) IV P kan maxanfamee dha innis ogummaa kiristaanummaa kenna, jecha isaa utuu in ta'in fedha waaqayyoo akkamitti beekuu akka danda'uu, kunnis kan wal bukkee qabuu dha. Kennaa hafuuraa isa tokkoo beekuun akka danda'amu.

Ta'ees, amantootni yaadachuu kan qaban tarreefamni kennawwaanii tokkoo ta'uu dhiisuu isaanitti. Kennaa keenya mogaasuu danda'uun tokko akka qabnu hubachuu caalaa fayyadaa in ta'u. amantootni, hundumtuu amantootni, kan waamamanii fi ayyaanni kan laatamef tajaajilaaf (Efe 4:11-12).

# I Qorontos 13

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Jaalala | Kennaa caalu | Jaalala kennaa caalu fi karaa | Jaalala | Sirna waaeffannaa uummataa (11:2-14:40) Keenaalee Hafuuraa tartiiba itti fayyadama isaa fi jaalala |
| 12:31 b -13:3 | 13:1-13 | 13:1-3 | 13:1-3 | 12:31-13:3 |
| 13:4-7 | | 13:4-7 | 13:4-7 | 13:4-7 |
| 13:8-13 | | 13:8-13 | 13:8-10 | 13:8-12 |
| | | | 13:11-12 | 13:13 |
| | | | 13:13 | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Qabiyyee barreefamaa 13:1-13

A. Boqonnaan kunni Phaawulos waa'ee kennaa hafuuraa ibsi inni godhee kan kutaa jalqabaa boca kenna. Kunni "boqonnaa jaalalaa" kan inni taa'ee kallatiidhaan kennawwaan hafuuraa jeequmsa ka'ee gidduu dha.

B. Waldaan kiristaanaa Qorontosiin turtee kennaan tokko tokkoo gura guddiisuu yaaltee turte. Phaawulos kennaa hundumaa cimsa daangaa isaanii gocha isaanitii fi kaayyoo isaani haala kanaan teechise ture, waaqeffannaa tokkumaatiin, boqonnaa 12-14tti.

C. Laman kennaan haafuraa inni guddaan qorumsii isaa (qabiyyee barreefamaa boqonnaa 12, B ilaali) "isaan jaalalan hojii irra oolfamaniruu?" kan jedhuu dha.

## Yaada ijoo hundee

A. Barbaachisummaa jaalalaa, kennaa hafuuraa hojii irra oolchuu fi kaka'umsa (lakk.1-3).

B. Amala jaalalaa kan mul'isuu walitti dhufeenya namootaa wajjinin qabnuu dha (lakk.4-7)

C. Galmi ga'umsaa jaalalaa akka amala maatii Waaqayyotti (lakk. 8-13)

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

### I Qorontos 12:31b-13:3

**1Afaan namoonni yookiis afaan ergamoonni Waaqayyoo dubbataniin dubbadhee, jaalala yoon qabaachuu dhaabaadhe, ani akka sibiila kililchuu yookiis dibbee kosh kosh jedhuu ta'e*. 2Raajii dubbachuudhaaf kennaa qabaadhee, dhoksaa jiru hundumaa beekee, beekumsa hundumaa qabaadhee, gaara iddoo isaatii hamman bututti amanti guutuus qabaadhee, jaalala yoon qabaachuu dhaabadhe garuu, ani homaa miti*. 3Wantan qabu warra dhabbaniif hiree, ittin of jajuudhaafis dhagna koo iyyuu dabarsee kennee, jaalal yoon qabaachuu dhaabaadhe garuu, homaa waa'ee anaaf hin baasu*.**

**12:31B "Egaan karaa isa hundumaa caaluun"** "kan caaluu" jechi jedhuu jecha Girikii yeroo ta'uu kan inni irratti hundaa'eesi huper (jechuun, kan caaluu yookaan guddaa) fi *ballō* (jechuun, darbachuu) dha. Innis dubbii haalaatiin tilmaamaa ol kan ta'uu dha. Phaawulos dubbii haalaa kanaa 2 Qoro irratti baay'isee fayyadameera (1:8, 3:10, 4:7, 9:14, 1:23, 12:7). Mata duree addaa kan Phaawulos fayyadama huper wal makaa 2:1 irratti.

"karaa" jechi jedhuu Kakuu Moofaatti dubbiin haalaa gaarummaadhaa fi tooftaa jireenyaati (Keessa deebii 5:32-33, 31:29, Faarfa. 27:11, Isaa 35:8). Amantiin Kakuu Moofaa, akka amantii Kakuu Haaraa, akkasumas seera sirriidhaan (kallattidhaan) in ture, jireenya aboomamuu (Orthoprasy) malee. Waldaan kiristaanaa durri waamicha "karaa" ture (Hoj.erg. 9:2, 19:9, 23, 24:14, 22,). Waaqayyoodhaaf kan wayyuu kan ta'uu jaalala mataa ofii keenyaati, fakkeenya mataa isaatii fi mucaa isaatiin kan godhame.

**13:1 "Akka"** kunni kan wali irraa fudhatu kan qabuu rammadi sada hima haalaati, innis gocha guutamee kan ta'ee lakk.1, 2 fi 3 (al lama).

◘

**NASB, NKJV** "Afaan namootaatii fi afaan ergamootaatiin yoon dubbadhee"
**NRSV** "du'oo kan ta'aanii fi afaan ergamootaatiin yoon dubbadhee"
**TEV** "Afaan namootaati fi afaan ergamoota daballee dubbachuu yoon danda'ee"
**NJB** "kan namootaati fi afaan ergamootaatiin dubbachuu yoon danda'ee"

Kunni ifatti kennaa afaan adda addaa kan argisiisuu dha, 12:10, 28-29, kan heeramee, innis waldaa kiristaanaa Qorontos kan gura guddiftee fi Phaawulos kan inni qabatee (14:1, 5, 6, 6, 18-19).

Hojii ergamootaa kan turan "afaan haaraan" Qorontosin kan turan "afaan adda addaa" adda akka ta'anitti nan yaadan ture, kunnis waabii lakuu naa ajaa'ibsiisa, kunnis Phaawulos immoo afanoota kan hubatuu afaan namootaa akka ta'anitti (jechuun, Pheenxeekooste) akkasumas haasaa gammachuu kennuu (jechuun, afaan waaqa irraa). Dhugumatti, inni cimsa kan laatuu guutuu kan ta'ee dandeetti afaanootaa qophaa isaa gahaa ta'uu dhiisuu isaati, jaalalaan amma in guutamneeti! Kiristinaan ergaadhaa oli, inni qaama, mataa ofii kennuu kan jaalalaa, aboomamuu qaama –Yesus.

◘ **"Jaalala"** jechi Girikii kun *agapē* dha. Innis baay'ee kan ta'an "kan jaalalaa" jecha keessa tokko, Girikii durii haa ta'uu malee irra deddeebi'ee fayyadama irra in oolu (jechuun, boca maqaa). Waldaan kiristaanaa durii jecha kana kan fillatee fi gara Kristaanaa haaraa hiika kan itti dabalte fakkaata (jechuun, kan Waaqayyooti fi mataa Kristoosi jaalala kennuu, 1 Yoha 4:10) fayyadama saptuwajentii sababa (Seera uumamaa 22:2) fi Yihudummaa barsiisotaa. Kakuu moofatti kan Waaqayyoo kan jaalalaati fi sagalleen abdii amanamummaan kakuu fi kakuu ibsaa kan turan hesed ture. Karaa baay'eedhaan *agapē* "kakuu jaalalaa" kanaa yaad-rimee ibsa ture, "mootummaa Waaqayyoo irraa" wajjin wal bukkee gochuudhaan. Innis kan Kakuu Haaraa amala Waaqayyoo sagallee ta'een, kunnis inni, duuka bu'oota isaa akka fakkaataan kan barbaaduu (1 Yoha 4:7-21).

*agapē* fi *philos* kan jiru walitti dhufeenyi yaadannoo dha. Qabiyyee barreefama tokko tokkoon garagarummaan waan jiru fakkaata (Yoha 21:15-19). Ta'es, Konee Girikii dhaabbataati wal fakkaata dha (Yoha 3:35 fi 5:20).

## MATA DUREE ADDAA: GAARUMMAA JAALALA ARGISIISU (*HESED*)

Jechi kun hiika jechaa bal’aa qaba. BDBn karaa kanana isa taasia (338-339)

A. Dhala namaatiin walqabatee fayyadeera,
    1. Namoota akka ofiitiif gara laafummaa (fakkeenyaaf 1Sam. 20:14; 2Sen. 24:22)
    2. Warra hiyyeeyyii fi gargaarsa barbaadan harka qalleeyyif gara laafummaa (Fak. Mik. 6:8)
    3. Kabaja (cf. Erm. 2:2; Hos 6:4)
    4. Argamuu (cf. Isa. 40:6)
B. Waaqayyoo wajjin walqabatee fayyadeera,
    1. Kakuu amanamummaa fi jaalalaa
        a. “diinotaa fi rakkinootarraa bilisa ba’uudhaan (Fak. Erm. 31:3; Iz. 27:28; 9:9)
        b. “lubbuu du’arraa oolchuudhaan” (Far. 86:13)
        c. “cubbuu irraa bilisa baasuudhaan” (cf. Far. 25:7; 51:3)
        d. “jireenya hafuuraa ariifachiisuudhaan” (fak. Far. 119:41,76,88,124,149,150)
        e. “kakuuwwan eeguudhaan” (fak. 2Sen. 6:14; Nah. 1:5; 9:32)
    2. amala Waaqummaan ittiin beekamu ni ibsa (fak. Ba’u 34:6; Mik. 7:20)
    3. arjummaa Waaqayyoo
        a. “safara hin qabu” (fak. Nah. 9:17; Far. 103:8)
        b. “baay’ee baay’ee guddaa” (fak. Ba’u. 20:6; kes 5:10,7:9)
        c. “bara baraaf kan jiraatu” (fak. 1Sen. 16:34,41; 2Sen. 5:13; 7:3,6; 20:21 Iz. 3:11).
    4. gochaawwan garaa laafummaa (fak. 2Sen. 16:42; Far. 89:2; Isa. 55:3; 63:7; Faru 3:22)

◘

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **“Akka qorqoroo iyyuu yookaan akka sibila kosh kosh jedhuu”** |
| **NRSV** | **“Akka naasii iyyuu yookaan akka sibiila kosh kosh jedhuu”** |
| **TEV** | **“Tirii iyyuu yookaan sibila kosh kosh jedhuu bifa in caalleen”** |
| **NJB** | **“Tirii iyyuu yookaan akka sibila kosh kosh jedhuu”** |

Haala seenaatiin jaarraa tokkootti addunyaan Roomee kun kan Dinohisiisi fi Sayibiilii seera waaqeffannaa waaqa tolfamaa isaanii booji’uudhaf fayyadama irra in oola ture. Qorontositti seera cabsuun qabiyyeen barreeffamaa inni dubbii haalaatiin kan jedhuu “faarfannaa malakataa” dha (Maati 6:2) innis isa dubbatuuf xiyaafannoo kan laatuu, akkuma dhiiroonni tokkummaadhaan yeroo waaqeffannaatti rifeensa isaanii akkuma maratan yookaan dubartootni rifeensa isaanii gabaabaa akka hin maranne tokkummadhaan yeroo waaqeffannaa (11:4-5).

Magaalaan Qorontos addunyaa duritti qodaa naasiin in beekamti turte. Tokkoon fayyadamni qodaa kanaa “miira iyyuutiin harkisuu” ture, baacoo (Dictionary of Paul and his letters, (Phaawulosi fi ergaa isaa) fuula 172).

Kan PHaawulos wal bukkee kan argisiisuu cimina miira isaatii fi, waa’ee gocha hafuuraa isaa jaalala malee kakuu kan ilaalate.

1. “Akka naasii iyyuu” “yeroo xumurameeti” lakk.1
2. “Ani akkasuma” “kan yeroo ammaa” lakk.2
3. “Tokkoo illee kan hin fayyadne yoo ta’ee” (kan yeroo ammaa) lakk.3

**13:2 “Kennaa raajii”** macaafa kana jecha kanaa caalatti hubachuuf kan danda’amuu akka “ergaa wangeelaa hirmaachuu” dha (11:4, 5, 14:39). Lakk.2 kan jalqabaa jechi sadan ogummaadhaa fi beekumsa kennaa wajjin adeema (12:8). Naannoo kanatti rakkisaa ture, kan Phaawulos kan alta’aa labsii akka argisisanitti 1:17, 19, 20, 21, 22, 24, 2:1,4, 5, 6, 13, 3:19. Raajjiin jaalala malee, akka ogummaa fi beekumsa jaalala qabuun, Waaqayyoon in gammachisan. Kennawwaan hafuuraa karaa sirrii ta’een fayyadama irra ooluu in danda’u.

“Raajii” yaad-rimeen Kakuu Moofaatti mata duree addaa 1 Qoro 12:10 fi kan Kakuu Haaraa raajiin 1 Qoro 14:1 ilaali.

◘ **“Akkasumas dhoksaa hundumaa fi beekumsa hundumaa yoon beekee”** Phaawulos jecha kanaa 4:1 irratti fayyadameera, dhugaa wangeelaatii fi 15:51 irratti dhugaa adda ta’anii fi , waa’ee qaama du’aa ka’uu. Qabiyyee barreefama kanaa gaaleen kun argisiisuu kan barbaaduu beekumsa bifa adda adda ta’eeni dha, innis amantootni

Qorontos kan argatanii fi barbaadaa kan turan beekumsa mudaa hin qabne kamiin iyyuu jaalala malee yoo ta'ee Waaqayyoon in gammachiisu. Mata duree addaa: dhoksaa 2:1 irratti ilaali.

◘ **"Amantiin hundumtuu"** kun kan argisiisuu amantii dinqii uumuu dha (12:9, 28, Maati 17:20, 21:21), haa ta'uu malee Maati 7:21-23 humna dinqii hojjetuu uumuu jaalala malee Waaqayyon akka hin gammachiifne yookaan raawwatee Waaqayyon akka hin beekne hubadhu. "Amantiidhaaf" yaad rime Kakuu Moofaa mata duree addaa:1 Qoro 1:9 fi Kakuu Haaraa 1 Qoro 2:4 ilaali.

**13:3**
**NASB "Kanan qabuu hundumaa yoon kenne"**
**NKJV "Mi'a koo hundumaa yoon kennee"**
**NRSV "Kanan qabuu hundumaa yoon kenne"**
**TEV "Kanan qabuu hundumaa yoon kenne"**
**NJB "Kanan kennee yoon ta'ee…kanan qabuu hundumaa"**

Kun kan argisiisuu tokko kan qabuu hundumaa sadarkaa tokkootti, xiqqo xiqqoo kennuu isaati (Yoha 13:26, 27:20). Kun tarii ibsa Yesusis gaarii dha, akka dargageessa sooresichaati bitaa (Maati 19:16-29, Maari 10:17-30, Luqa 18:18-30).

◘
**NASB, NKJV "Hiyeesoota nyaachiisuuf"**
**NRSV __gaalee irra ce'a_**
**TEV gaalee irra ce'a -**
**NJB "Hiyeesootaaf"**

Gaaleen kun barreefama Girikiidhaan hin qabu, haa ta'uu malee yaadii wali gala isaa gochama gochaa keessatti argama.

◘
**NASB, NKJV**
**TEV, NJB "Foon koo gubannaa abidaatiif"**
**NRSV "Foon koo waan ta'ee kanabn ittin of jajuu"**

Fillannoo barreefamaa lama qaba. "kan gubate" (jechuun, *kauthēsomai*) fi "ulfina" (jechuun, *kauchēsōmai*) lamanuu barreefama Girikii duritii fi waldaa kiristaanaa durii abbooni in argamu. "Annis haa kabaju" gaaleen jedhuu, degeraa barreefama cimaa qaba (jechuun, MSS P46,ａ fi B,), garuu BDS 4 gidduu isaani murti kennuu in dandeenye. Innis immoo Phaawulosiin irra deddeebi'anii fayyadama irra jecha oolu dha (2 Qoro 8:24, Fillii 2:16, 1 Teso 2:19, 2 Teso 1:4). Itti fufeenyaan kan ta'uu aarsaa ta'uun waldaa kiristaanaa durritti kan baratamee miti, haa ta'uu nalee bara rakkinaa boodaa kan barratamee ta'eera (Maalayinii, Meeroo fi Doomitiyaan). Kanaaf, tokkoo ilaalu danda'a barreefamootni durii "ulfina" gara "gubuu" akkamitti akka jijjiirame.

Garagarummaa barreefamaatii fi ibsa guutuu Bruce Metzger, A Textual commentary on the Greak New Testament, (Kakuu Haaraa Girikitti tarreefama barreefamaa fuula 565-564) ilaali. Yaadi faallaan The Expoxitir's Bible Commentery, (tarreefama ibsa macaafa qulqulluu fuula 270 yaadannoo miila jalaa ilaali).

## I Qorontos 13:4-7

**4 Jaalalli danda'aadha, gaarummaas in argisiisa; jaalalli hin hinaafu, of hin jaju, of hin bokoksu*; 5 Jaalalli lafa salphinaa hin ijaajju, waan isatti toluu duwwaas in barbaaduu, hin dallanu, waan hamaas nama irratti in lakkaa'u*. 6 Jaalalli qajeelina dhugaatti gammada malee, jal'inatti hin gammadu*. 7Jaalalli karaa tokkoo illee nama hin lalafu, hunduma isaa in amana, hunduma isaa abdata, hunduma isaas obsa*.**

**13:4-7** kun tarii faarfannaa yookaan walaloo ta'aa, waa'ee jaalalaa, Phaawulosiin kan barreefamee yookaan kan wallaleefame. Isaan kun hundumtuu jaalala kan ibsan damaqoo dha. Jaalalli gochaa dha akkasumas miira utuu hin ta'in. Isaan kun hundumtuu kan ibsan tajaajila Yesus (Yaahiwween guutuudhaaf ibsa xumuramee) inni namoota mudaa malee in ta'in akkuma godhu, Jaalalli qaama.

**13:4 "Obsa"** gochamni kun (gocha ammaa kan argisiisuu) namootaa wajjin obsa inni qabuu hiika qaba (fake. 19:11, 1 Teso 5:17, Yaaqo 5:7, 8, 2 Pheexi 3:9) nurratti akka malee kan godhan, sabab tokkoo malee innis ija

hafuuraa gidduu dha isa tokkoo dha (Galaa 5:22). Innis amala Waaqayyoti (Room 2:4, 9:22, 1 Xiimo 1:16, 1 Pheexi 3:20). Inni (maqaa) amantoota bara haaraa amala ta'u qaba, hafuura Waaqayyotiin kan buluu (2 Qoro 6:6, Qolaa 1:16).

◘ **"Gaarummaa"** gochamni kun kan argamuu as qofatti, akkasumas jecha namoota irratti xiyaafateedha, yaadii walii gala isaa "hundumaaf gaarii ta'uu" dha. Phaaxiros jecha walfakkaataa ta'ee Yesusiif fayyadameera 1 Pheexi 2:3. Innis kennaa hafuuraa gidduu dha isa tokkoo dha Galaa 5:22.

◘ **"In hinaafuu"** kuni fedhii jabaa in ibsa, akkuma jirutti "danfuu". Jaalalli kan mataa isaa in barbaadu, qabeenya isaa irratti yoo ta'es yookaan namoota to'atuu irratti.

◘ **"Of in jajuu"** kun kan darbee darbee jechii kan inni argisiisuu mataa isaa kan mararfatu nama yoo ta'uu, kan biraa biratti of tuulaa fi hoddeessaa ta'ee kan mula'tee dha.innis yeroo hundaa kan itti firoomuu beektoota irraa yookaan afaan gaarii wajjin kan wal qabatee boonuu yookaan of jajuu dha. Barreefama Girikiin.

◘ **"Of in tuullu"** jechi kun kan inni argisiisuu mataa isaanitiif tilmaama kan kennaniif kan koorani dha. Innis 1 Qoro irratti irra deddeebiidhaan faayidaa irra ooleera (4:6, 14:19, 5:2, 8:1) fi assitti. Innis sirritti amala waldaa kiristaanaa kana in callaqisiisa. 4:6 irratti yaadannoo jiruu ilaali.

**13:5 "Kan isa in galchinnee in hojjeetu"** kana ibsuuf jecha salphaa ta'e miti. Innis 7:36 irratti bifa sirri ta'een faayidaa irra oolera. Inni kan isaa hiika al'ta'aa dha. Jechichi barreefama Giriki irratti taa'eera; abaarsa yookaan kakaa fudhachuu kan argisiisuu fi kan raasuu fi gocha sirri in taane wajjin kan wal qabate (12:3). Inni cal jechuu irra hiika gadhumaa qaba.

◘ **"Kan mataa isaa in barbaaduu"** kun yeroo hundummaa kan irra deddeebi'u dha (8:9, 10:24, 33, Roome 14:16, Filli 2:3). Kun tarii barrumsa Waaqayyumaatiin Efees 5:21, irratti ibsameera. Wali waliif aboomamuun Kristosiin ulfeessuu dha.

◘ **"In mufatuu"** jechi kun akkuma jirutti "qufa'uu" dha . innis akka haalaatiin faayidaa irra kan oolee kan "kan kakkasuu" ti dha. Innis sirri ta'uu danda'a akka Hojii ergamoota 17:16 yookaan alta'aa akka asitti. Hiikii Filliphiis "in mufatuu" kan jedhu qaba; innis "salphaatti in haaruu yookaan in dheekamuu" miira jedhuun. Maqaan kun faayidaa irra kan oole Phaawulosii fi Barnaabaasi dubbii dha, sababii, Yohannis, Maariqoosiif (Haoji 15:39).

◘

**NASB** **"Karaa sirrii hintaaneen tilmaama irra ga'ee keessa in seensiisu"**
**NKJV** **"Hameenya in yaadu"**
**NRSV** **"Yookaan in qoramuu"**
**TEV** **"Cubbuu in lakkaa'uu"**
**NJB** **"Dhiifama walitti hin qabu"**

Kun jecha herregaati gatii in baafamne galmee maadaluu (2 Qoro 3:5, 12:6). Innis kan inni argisiisuu miira ijaa ba'uu kan qabatee dha. Fakkeenya ta'uu kan danda'u Hoji.erg 15:36-41 fi 2 Xiimoo 4:11 sababa Yohannisi fi Maariiqosiin.

Kunnis ta'uu kan qabu hiikii saptuwaajentii waabii dha, Zakka 8:17 "kanaafis isiin keessa tokkoo iyyuu laphee isaatti hamaa hin yaadiin, hiriyaa isaa irratti". Ta'us, gaaleen naannoo waabii Kakuu Moofaa hagaa in taaneetti, kun tokkoo ta'uu isaa irraan carraa inni qabu in dadhabsiisa.

**13:6** kun lamanuu alta'aadhaa fi kan ta'uu ibsa amantiti. Qabiyyee barreefama kanaatiin inni argisiisuu kan danda'uu hawaasa kiristaanaa kan inni qabu hamii dha. Kunnis kan in baratamanii dha, akkasumas "tolaa kan hin ta'in" "dhugaa irraa" wajjin waan wal faalleessuuf. Tarii "tolaa kan hin ta'iin "jireenya gaarii faallaa dha, akkasumas "dhugaa" ergaa wangeelaa argisiisa.

◘ **"Dhugaa wajjin"** mata duree addaa 2 Qoro 13:8 ilaali.

**13:7 "Hundumaa in obsa"** "wantoota hundumaa" jechi jedhuu (jechuun, *panta*)) yeroo afur dursee akka galuu godhameera, lakk.kana cimsaaf. Jaalalli hundumaa kan qabatuu dha. "Wantoota hundumaa" fayyadama irra kan

oolee “yeroo hundumaatti” miira jedhuun (jechuun, gochamni arfan hundumtuu kan yeroo ammaati) fi “akka tasaa hundumaan”.

“In obsa” jecha Girikii irraa “bantii manaa” dha (Maati 8:8). Innis dubbii haalaati (1)uwissa (1 Pheexi 4:8, jecha adda ta’ee garuu yaad-rimee wal fakkaatu yookaan (2)kaa’uu (12:9, 1 Teso 3:1, 5). Hiika moofaatti “mul’ataa fi cufamaa dha” kan jedhuu qaba.

◘ **“Hundumaa amana”** qabiyyee barreefama kanaatiin kun kan argisiisuu “kan biroo keessatti waan wayyu arguu” dha yookaan “hiriya kiristaanaa biraatiif shakkii fayyadama kennu”. Innis yeroo hundumaa amantii eegaa (Galaa 5:22).

◘ **“Hundumaa abdii godhata”** qabiyyee barreefama kanaatiin jaalalli hiriyaa amanaa guddina ga’umsa amantii qabata. Inni abdii godhachuu in dhiisuu (in dadhabuu).

◘ **“Hundumatti jabaa dha”** kun jecha cimaa dha, qoramuu fi qoramsii obsa kan argisiisuu dha (Maati 10:22, 24:13, Ibiroota 10:32, Yaaq 1:12). Asitti inni kan inni dubbatu fedha isaatiin, obsaan cimuu dha. Gaaleen kunni cimsa kan laatu nama dhuunfaadhaaf ijaa ba’uu yookaan fudhachuu dhiisuu miti, haa ta’uu malee obsi cimina qabu, keessumatti nama wajjin.

## I Qorontos 13:8-13

**8Jaalalli yoom iyyuu in badu; kennaa raajii dubbachuu yoo ta’e, hafuuf jira; afaan hin beekamneen dubbachuu yoo ta’e, dhaabachuuf jira, beekumsas yoo ta’e, hafuuf jira. 9Wanti nuyi beeknu muraasa; wanti raajii dubbanus muraasa, 10Raawwatamuun isaa yeroo gahuu immoo, inni muraasi kun in hafa. 11Mucummaa kootii akka mucaatti mnan dubbadhe, akka mucaatti nan yaade, akka mucaattis sababi nan kennan ture, amma garuu ergan nama ga’aa ta’ee, akka mucaatti jiraachuu dhiiseera. 12Nuyi amma akka nama of ilaalee keessatti waa argee abaluu isaa in dubbatiin hafeetti in argina, wanti ani amma beekuu muraasa, yommus garuu akkuman ofii beekamee, anis guutuutti beekuuf jira*. 13Egaa amantiin, abdiin, jaalalli isaan kun sadan hafanii in jiraatu; isaan keessaa garuu jaalalatu caala*.**

**13:8** hiiktooni baay’een keeyata isa haaraa kan jalqaban lakk.8 irraati. Ibsi Phaawulos waa’ee jaalala kiristaanaa haga tokko jijjireera foyeeseras, kallatti haaraadhaan (jechuun, bara kanatti kan fooya’an sadarkaadhaa fi gocha faallaa isaa bara haaraatti qindaa’uma (ijaarsa, innis kan nuuf eebbifame). “Jaalalli raawwatee in kufu” jechi kunni jecha dubbii haalaa fayyadu lama qabu (1)innis fayyadama irra kna oolee gahee fudhataa sagalee jibbaa ture dhageessisee waltajicha gadi dhiisee yeroo ba’uu yookaaan (2)inni fayyadama irra kan ooluu ililli baala gatee dha sababa haalaa qilleensa mijataa in taanee (Yaaq 1:11, 1 Pheexi 1:24). Jaalallii Waaqayyoo raawwatee in mo’amuu!

◘

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Yoo ta’aniis…yoo ta’aanis… yoo ta’es”** |
| **NKJV** | **“Yoo ta’es…yoo ta’es…yoo ta’es”** |
| **NRSV** | **“Akka ta’eetti…akka ta’etti…akka ta’etti”** |
| **TEV** | **“Jedhani…jedhani…jedhee”** |
| **NJB** | **“Akka jedhanitti…akka…akka”** |

Boci seer-luga eite (sadan rammadii tokkoo himoota haala) kennawwaan hafuuraa akka jiran agarsiisa. “Raajii…hin hafa…afaan haaraan…hin hafaa….beekumsa …in molqama” qindoomina wal bukkee hubbadhu. Kennawwaan hafuuraa kunni turaniiru waldaan kiristaanaa Qorontos gura guddisaa kan turte (Lakk.3). Lakk.kuni yeroo hundumaa fayyadama irra kan ooluu afaan haaraa gadi qabuudhaaf gochama akka ta’ee fi sababa sagalleen fayyadama irra ooluuf. Ta’es qabiyyeen barreefama isaa cimsa kan itti laatu kennaa hafuuraa hundumaa akka dhaabbanii dha haa ta’uu malee jaalala raawwatanii in dhaabban. Qabiyyee barreefama kanaa keessatti gura guddiftuun tokkoo iyyuu hin jiru, duraa boodaa yeroo wajjin kan wal qabate, kennaan tokkoo isa kan biraa wajjin. Kennaan hafuuraa daangaa yeroo keessa jira, kan bara baraa osoo hin ta’in. Jaalallii kan bara baraatti!

Jechii kunnii “in molqama” lakk.8, 10 fi 11 irratti jira. Mata duree addaa *Katargeō* 1:28 irratti ilaali.

**13:9** kun kan jalqabuu lakk.walitti fufaa yeroo ta’ani, isaanis cimsa kan laatan kennawwaan hafuuraa muraasaa fi mudaa malee ta’uu dha. Muraasni kun dadhabii namaatiin, kufaatiini fi murtaa’umaan kan ta’ee dha malee kennuu Waaqayyoo irraa hanqinaa wajjin kan wal qabatee miti.

**13:10 "Inni mudaa malee ta'ee yeroo dhufuu"** jechi kun (jechuun, *teleios*)" hiiki isaa (bilchaachuu mudaa kan in qabneef) yookaan "hojii kennamee fi dandeetti guutuu kan qabuu dha (2:6, 13:10, 14:20). Yeroo baay'ee gaaffii kan ta'uu "maalii? dha kan inni argisiisu".

1. Tokko tokkoo kan inni cimsa laatu inni kan inni argisiisuu Kakuu Haaraa dha, qabiyyee barreefama kanaatiin wanti tokkoo illee gara kanatti hin argisiisu. Wixine yaada kana qofa, kennawwaan hafuuraa yeroo ergamoota boodaa hafeera ejjeennoo jedhu.
2. Tokko tokkoo akka cimsa itti laatanitti inni kan inni argisiisuu bilchina hafuuraatti, lakk.11 sababa (jechuun, ijoollee isa irraas nama beekaa) yookiin fayyadama sirrii kennawwaan hafuuraa.
3. Tokko tokkoo kan cimsa itti laataan inni kan inni argisiisuu dhufaatti deebii Yesus Kristosii fi bara haaraa tolaa wal simsisuu isaaniti, lakk.12 sababa (jechuun, "fuulaf fuulatti argu").
4. Akka natty fakkaatutti kan lachuu isaanii wal makaa dha lakk.2 fi 3.

Teleios hiikonni adda addaa fayyadmani macaafa Ibiroota irratti fayyadamni isaa ilaalamu danda'ama. Kanaa gadii kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: Raawwata yookaan guutummaa (TELOIS)

Wantooti hafuuraa kunni guduunfaa qabatamaa irra deddeebi'aa Ibirootan

1. *telos* isa dhummaa, raawwata (3:6, 14, 6:8, 11)
2. *teleiōo* (Yesus) fayyina isaanii argamni raawwataa gochuudhaaf, karaa rakkinaatiin (2:10)
   a. (Yesus) karaa rakkinaa mudaa malee ta'uuf (5:8-9)
   b. Seerichi mudaa malee in godhuu (7:19)
   c. Ilmii bara baraan mudaa malee godha (7:28)
   d. Isa waaqeessuu mudaa malee gochuu (9:9)
   e. Kan dhi'aatan mudaa malee gochu (10:1)
   f. Kan qulqullaa'aan bara baraan mudaa malee godheera (10:14)
   g. Nu ala isaan gara guutummaatti dhufuu in danda'aan (11:40)
   h. Hafuura nama tolaa mudaa malee godha (12:23)
3. *teleios*,, kan bilchaate (5:14)
4. *teleios*, kan fooya'ee mudaa kan hin qabnee fi kan jiruu qulleessu (9:11)
5. *teleiotēs*, bilchinaa fi gadi qabamuu (6:1)
6. *teleiōsis*,mudaa kan hin qabnee fi Leewotaatti karaa seera lubbootaa kan ta'ee (7:11)
7. *teleiōtēs*,, jalqaba amantii keenyaatiif raawwataa (12:2)

Bilchina Ysusi fi mudaa malee ta'uu fideera, kakuun Musee kan hin dandeenye!

**13:11 "Hambiseera"** jechii Girikii kuni *katargeō* dha, Phaawulos yeroo baay'ee kan inni fayyadame. Mata duree addaa 1:28 ilaali. Qabiyyee barreefama kanaatiin Phaawulos cimsa kan laatuu

1. Raajiin akka hafuu lakk.8 (raajiin hojii irra ooluu kan argisiisuu)
2. Beekumsii in hafaa lakk.8 (raajii hojii irra oolee kan argisiisu"
3. Kennaan hundumtuu in hafa lakk.10 (raajjiii hojii irra oolee kan argisiisu)
4. Ijoollummaan hafuuraain hafa lakk.11 (raajii ammaa kan argisiisuu)

**13:12 "Daawwittii"** Qorontos kan lola'amee Daawwiitii sibiilaa kan beekamtee turte. Isaanis bara sanatti haala fooya'aadhaan in argamuu turan garuu kan isaan callaqisisaan suuraa walin dha'amee ture. Namoota, namooti labsamanis yoo ta'an gara boodaatti akn hafan (1)uumama cubbuutiin (2)murtaa'uudhaan (3)yaada murtooftee (4)aadaan kan miidhuu sammuu fi addunyaa (5)yeroon akka gocha duraa boodaati, fi (6)qooqa namaa adduunyaa hafuuraa hubachuu fi ibsu.

Wal bukkee kan deeman hubadhuu

1. Lakk.9 muraasa beekuu, muraasaa raajuu faallaa isaa mudaa kan hin qabne yeroo dhufuu
2. Lakk.11, daa'iima faallaa isaa beekaa
3. Lakk. 12, Daawiitiin Qorontos faallaan isaa fuula fuulatii fi muraasa beekuu faallaa isaa guutummaatti beekuu

Isaan kun kan callaqisiisuu kan fakkaataan dhugaa ammaa faallaa isaa dhugaa dhuufaati isaati, kanaafis, ammas immoo dhufaatti isaa innis baricha haaraa kan qindeesse xiyaafannoo dha.

◘ **“Dimismisaa”** kun akkuma jirutti hiphoo” dha (NJB). Barsiisonnii kan isaan amanan Waaqayyoo Musee hiphoo dhan akka itti dubatee dhaa.” Seeraa laakk 12:6,8”.

◘ **“Fuulaf fulaati”** kunii dubbii hallaa firooma dhihenya (jechuun, Seera lakk 12:8 wajjiin wal madalchisuu”. Kakuu Moofaati Yaahiwee ilaluun jechuun du’a (sera umama 32:30, sera ba’uu 33:20, yohanis 1:18). Baricha haraati kun dhugaa godhamaa” Maatiwos 5:8, 2 Qoronxos 5:7,1Yoh 3:2, Mulataa 22: 4.

◘ **“Muraasa bekkeeraa…gutummati bekkeeraa… guutumaati nan beekama**” kuni ifaati” beekuu” kan jedhuu kan Ibirootaa fi jecha Girikii tapha hiikaati. Kakuu Moofaatti inni kan inni argisiisuu dhugaa beekumsaa miti (jechuun, yaad-rimeen Girikii) haa ta’uu malee walitti dhufeenya dhuunfaati (Uumama 4:1 fi Ermi 1:5).

Lakk.kanaan immoo “beekuu” kan jedhuu tapha jecha Girikii qaba, (jechuun, *ginōskō*). Fayyadami jalqabaa hundee jechaati. Inni 2 fi 3 jecha wal makaa dha (jechuun, *epiginōskō*), innis kan fooyessuu beekumsa guutuu argisiisa amantootni Waaqayyoon beekuu, baricha haaraatti, inni akka nu beekee hundumaa (8:3, Galaa 4:9). “Kakuu Haaraa” saba Waaqayyootiin amala kan godhee, tokkon tokkoon inni akka beekuutti (Ermi 31:31-34). Gara fuula duraatti lalabaan tookkoo illee/barsiisaan barbaachiisa hin ta’u!

“Kan beekuu” yaad-rimeen xin-waaqummaa yaad-rimee fillatamuu wajjin adeema. Fillannoo dhoksaa kan ta’ee (jechuu, fillannoo Waaqayyoo) deebii kakuu wajjin kan adeemuu (jechuun, fillannoo namaa) sirritti beekamaa miti. Lakkoofsotii Kakuu Moofaa kunni logikii hordofee: Faarf1:6, Ermi1:5, Amos 3:2 fi isaan lakkofsoonni Kakuu Haaraa Room 8:29, 11:2, 1 Qoro 8:3, 13:13, Galaa 4:9 amantootni Waaqayyoodhaan baroota fuula duraa, barichatti, baricha boodees in beekamu. Ta’us amantootni Waaqayyoon kan beekaan sadarkaa sadarkaadhaan, tolaa ta’uu irraa qulqullaa’uu, kabajamuu wajjin bifa wal fakkaataa ta’en. Nuyi isa yeroo keessatti in beekna, kara Kakuu Moofaa, Yesusini fi wangeelaan, yeroo keessatti, Kristoosiin fakkaachuudhaan waan goonuun, karaa hafuura qulqulluu, akkasumas yeroo booddee isa in beekna, fuula fi fuulatti, dhi’eenya firooma beekumsa guutuu ta’ee wajjin bara tolaa haaraa.

**13:13 “Abdii”** jechi Giriki kun kan wal fakkaatu mirkaneefachuu dadhabuu jecha ingillin in qabu. Inni wabii amansiisaa dha, kunnis abdiin Waaqayyoo yeroo isaatti dhugumati akka raawwatamu.

## Mata duree addaa: Abdii

Phaawulos jecha kana yeroo baay’ee fayyadama, wantoota adda addaa baayee haa ta’uu malee miiraa firooma qabaniin. Innis yeroo baay’ee kan wajjinin adeemuu amantii amanaa kan fiixaan ba’ee wajjin (1 Xiimoo 1:1). Innis ibsuu kan danda’uu ulfina irraa, jireenya bara baraa, ga’umsa fayyinaa deebi’ee dhufuu, kan kana fakkaatuu. Wajjini dha. Kan galma ga’uu ta’uun isaa mirkaanaa’aadha, haa ta’uu malee qabiyyeen yeroo fuul duratti fi kan in beekamneedha. Innis yeroo baay’ee kan wal qabatuu “amantii irraa” fi “jaalala” wajjini dha (1 Qoro 13:13, 1 Teso 1:3, 2 Teso 2:16). Kan Phaawulos tokko tokkoo tarreefamni fayyadamaa muraasni:

1. Deebi’ee dhufuu isaa, Galaa 5:5, Efee 1:18, 4:4, Titoo 2:13
2. Yesus abdii dha 1 Xiimoo 1:1
3. Amanaan Waaqayyoodhaaf kenna Qolaa 1:22-23, 1 Teso 2:19
4. Abdiin Waaqa irratti boqota Qola 1:5
5. Wangeela amanachuu Qolq 1:23, 1 Teso 2:19
6. Ga’umsa fayyinaa Qolaa 1:5, 1 Teso 4:13, 5:8
7. Ulfina Waaqayyoo Roomee 5:2, 2 Qoro 3:12, Qola 1:27
8. Fayyina ormootaa Kristoosiin Qolaa 1:27
9. Wabii fayyinaa 1 Teso 5:8
10. Jireenya bara baraa Titoo 1:2, 3:7
11. Bu’aa bilchina kiristaanaa Roomee 5:2-5
12. Bitamuu uumama hundumaa Roomee 8:20-22
13. Galma ga’uu ijoollummaa Roomee 8:23-25
14. Waamicha Waaqayyoo Roomee 15:13

15. Hawwii Phaawulos amantootaaf 2 Qoro 1:7
16. Kakuu Moofaan amantoota Kakuu Haaraatiif akka qajeelfamaatti Roomee 15:4

◘ **“Amma garuu amantin, abdii, jaalalli in jiraatu”** gochamichi qeentee dha (Galaa 5:22). Kunnis yeroo baay’ee isaan sadan kana gargaarama (Room 5:2-5, Galaa 5:5-6, Efee 1:15-18, Qolaa 1:4-5, 1 Teso 1:3, 5:8, Ibiroota) kan biroon barreesitooti Kakuu Haaraa immoo (Ibiroota 6:10-12, 1 Tesoo 1:21-22).

◘ **“Isaan kana irra kan caalaan jaalala”** inni baay’ee guddaa dha, sababii isaa isaan kuni kan biraan bara haaraa mirkaneessuu wajjin waan hafaniif, amantiin gara arguuti jijjiirama, abdiin immoo raawwii isaa gara argachuutti, jaalallii garuu in dhaabatee hafa, inni hundee amala Waaqayyoo waan ta’eef (Yoha 3:16, 1 Yoha 4:8, 16)

## Gaaffiillee maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Boqonnaa kana yaadaa gidduu galleessaa qooqa mataa keettiin yaada tookkon ibsi.
2. Phaawulos boqonnaa jaalalaa kennaa hafuuraatiin ibsi isaa giddutti maaliif galche?
3. Agape jaalala qooqa mataa keetiin ibsi.
4. Lakk.8-13 maaliif bara keenyatti kennawwaan hafuuraa diree lolaa ta’e?

# I Qorontos 14

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| | | | | Sirna waaqeffannaa uummataa<br>(11:2-14:40) |
| Afaan haaraa fi raajii<br>14:1-5 | Afaan haaraa fi raajii<br>14:1-5 | Keennaa keessaa raajiin afaan haaraa irra caala<br>14:1-5 | Kennaa Hafuuraa irraaa kan ta'an keessaa<br>14:1-4<br>14:5-6 | 14:1-5<br>Kennaalee Hafuuraa: sabni sun faayidaa jaraaf ilaalcha inni qabu |
| 14:6-19 | Afaanni haaraan Hiikamuu qabu<br>14:6-19 | 14:6-12<br>14:13-19 | 14:7-12<br>14:13-17<br>14:18-19 | 14:6-12<br>14:13-19 |
| 14:20-25 | Afaanni haaraan warra hin amanneef mal'attoodha<br>14:20-25 | 14:20-25 | 14:20-22<br>14:23-25 | 14:20-25 |
| Waantonni hundinuu seeraan taasifamuu qabu<br>14:26-33a | Seera walitti qabama waldaa keessatti | 14:26-33a | Seera waldaa keessaa<br>14:26-33a | Keennaalee hafuuraa seera qabsiisuu<br>14:26-33a |
| 14:33b-36 | 14:26-40 | 14:33b-36 | 14:33b -35<br>14:36-38 | 14:33b -35 |
| 14:37-40 | | 14:37-40 | 14:39-40 | 14:36-38<br>14:39-40 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

**Qabiyyee barreeffamaa 14:1-40**

A. Kun tokkummaa waaqeffanna Phaawulos boqonnaa 11 irratti kan inni jalqabee qajeelfama itti fufuu dha. Qorontosiin kan turtee waldaan kiristaanaa naannoo baay'eetti waaqeffachaa kan turee sirii kan hin taanee fi bifa sadarkaa isaa in eeganeen ture.

B. Shaakalli waaqeffannaa madaaluudhaaf safartuu guddaan, "kun guutumaa waldatti qulleessaa?" kan jedhuu dha.

Waaqeffannaan tokkummaa yaada giddu galleessa lama qaba

1. Amma kan jiran, karaa bade
2. Amma kan jiran, fedha amantootaa

Kunnis ergama Yesusu Kristoos isa guddaa hordofa (Maati 28:19-20). Hard Sayings of the Bible (jecha macaafa qulqulluu cimaa) akkas jedha,

> "Gochi Phaawulos geggeefamni isaa walga'ii amantootaa fi waaqeffannaadhaaf dhaabbataa dha. Sochiin wangeelaa gara boodaatti kan arkisuu, jeeqamsa uuma, guddina caalaa, in mufachiisa jajjabeessuu fi cimsuu caalaa, kisaara kan birootiin eenyumaa isaa ijaara-kun hundumtuu yaadaa Waaqayyoo wajjin wal faalleessa. Kanaa olittis, dubartootni Qorontositi fi kan biroon waldaa kiristaanaa reefuu guddattuutis ayyaanna isaanii yaada Waaqayyo alaa in fayyadamaa akka turan, dhorkamni isaa sirrii, jecha itti gaafatamummaan guutamee dha. Dhorkuun isaa cimsa kan laatee geggeessummaa abootiin, lamanufuuu, dhiirootaafis ta'ee dubartootaaf, waldaa kiristaanaa hundumaatiif" (fuula 616).

C. Tokkummaa waaqeffannaa dubartootaa dhimma hirmaachuu faallaa uumameen kan ilaalatee, tarreeffama shan yoo dubbistee ilaalcha adda addaa shan argata. Rakkoon isaa kan fakkaatu hundumtii keenya gara boqonnaa kanaatti kan dhufnuu kan dhuunfaa fi, kutaa amantii, shaakaloota, fi kan hiikaa qabsiisa ta'aan ta'u isaati! Eenyu keenya iyyuu kanaa ala miti. Macaafa qulqulluu dhugumaan fudhana, haa ta'uu malee macaafni qulqulluun, Phaawulos illee taanan sagallee lamaan kan inni dubbate (11:5 faallaa isaa 14:34).

Ibsitootni tokko tokkoo akkasumas lakk.34-35 dhabamsiisuu barbaaduu, akka barreessaatti akka dabalamutti lakkaa'uudhaan (MSS D, F, G lakkoofsoota kana lakk.40 booda teessisa) yookaan kan isaan fudhatani Phhaawulos barsiisoota sobduu irraa dhaadannoo isaanii akka heere godhaniti. Isaan lamaan galumsi kun boqonnaan saa jechuun wanta irra jiraatee faallaa isaa kan jiruu fakkaata.

D. Jechi Phaawulos lakk.34-35 aadaa Yihudootaati fi aadaa Girik-Roomee wajjin wal fudhata. Ta'us, karaan murteessaa baay'een tajaajila Phaawulos aadaa Yihudootaa fi kan Girikii faallaa dha.

E. Jaarraan tokkoofn adduunyaa Meditiriyaaniyaa kan turee hawaasa seera garba bulchuu fi olaantummaa dhiiraa irratti kan hundaa'ee ture. Yesusinis ta'ee Phaawulos dhaabbata hawaasa kanaa bifa jijjiiraa hundee ta'een jijjiiruu fi kakka'uu isaanii guddina waldaan kiristaanaa baay'ee midheera, jiraachuu ishee dabbalatee. Lamanuu Yesus fi Phaawulos jabeessaa kan turan ijoollee namaa hundumaa ulfinaa fi faayidaa ture. Wangeellii adeemsa yerootiin lamanuu kallattii seera cabsuu balleesseera. Jechuu kan wayyuu isaan dubbataa kan turan yeroo isanitti humna liqimfamutuu ture. Akkasuma s jechii isaanii dhaloota dhufuuf ulfinnaa fi wal qixummaa in argisiisuu turan.

F. Dubartooti fi geggeesitootni garbootaa waldaa kiristaanaa durii abbaa wangeellaa midhaani turan. Ammas akkuma sana, haa ta'uu malee faallaa dhummaa isaa. Hawaasa keenyatti dubartootni dubbii minyaa'aan ayyana tajaajila kan qaban kan hawaasa keenyaa bifa tokkoon bira ga'u, kan biraa irra bifa fooya'een. Kana jechuun garuu lakk.isaa kan baayatee Luboota dubartii barbaachaaf miti, haa ta'uu malee akka ta'aan cimsuuf, amantooti hundumtuu! Anii dubbartootaaf falmaa kanan jiruu miti, tajaajila adda ta'een gochaa hojii irra oolchuu, haa ta'uu malee kan aantoota hundumaa ulfinna tajaajilaa bifa qabuuni cimsuudhaaf (Efeson 4:12).

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

### I Qorontos 14:1-5

**[1]Egaa jaalala bira ga'uudhaaf dhimmaa! Kennaa garaa garaa warra hafuurri qulqulluun kennu akka argataniif, caalaatti immoo waan Waaqayyo isinitti mul'isu akka himtaniif dhama'aa*! [2]Namni tokko afaan hin beekamneen yommuu dubbatu, namni isa hubatu waan hin jirreef Waaqayyotti dubbata malee, namootatti hin dubbatu; garuu hafuuraan geggeeffamee, waan dhoksaa baay'ee of keessaa qabu in dubbata.[3]Namni waan Waaqayyoo isatti mul'ise himuu immoo, cimsuudhaaf, gorsuudhaaf, jajjabeessuudhaaf namootatti dubbata. [4]Namni afaan hin beekamneen dubbatu, ofii isaa in cimsa; inni waan Waaqayyo isatti mul'ise himu immoo waldaa kiristaanaa in cimsa. [5]ammas isin hundumti keessan afaan hin beekamneen akka dubbattan, caalaatti immoo waan Waaqayyo isinitti mul'ise akka himtan nan jaalladha. Waan afaan hin beekamneen dubbatame sana, akka waldaa kiristaanaa ittin cimina aragattuuf namni tokko yoo hike malee, inni waan Waaqayyo itti mul'ise himu, isa afaan hin beekamneen dubbatuu sana caalaa waa'ee in baasa*.**

**14:1 "Jaalala hordoofaa"** kun gocha xiyaafataa ammaati (Roome 14:19, 1 Teso 5:15, 1 Xiimoo 6:11, 2 Xiimoo 2:22). Innis boqonnaa 13 wajjin kan jiruu walitti dhufeenya qabiyyee barreeffamaa argisiisa. Jaalallii kan

Waaqayyootii fi kan amala saba isaatiti (Galaa 5:22, 1 Yoha 4:7-21). Boqonnaa 11-14 Qoontositti tokkummaa waaqeffannaa irrati rakkina uumamani wajjin kan adeemuu ramaddii barreefama akka ta'ee yaadadhu.

▣

**NASB** **"Kennawwaan hafuuraa cimsaa barbaadaa"**
**NKJV** **"Kennaawwaan hafuuraa barbaadaa"**
**NRSV** **"Kennaawwaan hafuuraa cimsaa barbaadaa"**
**TEV** **"Kennaawwaan hafuuraa laphe keessan irraa barbaadaa"**
**NJB** **"Kennawwaan hafuuraa dheebbuudhaan barbaadaa"**

Kunnis gocha addaa xiyaafataa Yihudootaati, innis "barbaaduu irraa" hundee kan ta'ee (12:31). Kunnis kan argisiisuu boqonnaa 12 wajjin kan jiru qabiyyee barreefamaatiin wal qabsiisuu dha. Boqonnaan 13 gara qabbiyyee barreefamaatti qoodateera miira jedhuun. Boqonnaan 12-14 keennottan hafuura sirri ta'eef fayyadama ramaddii akkaataa tokkon ta'uu isaanii yaadadhu.

"Kan hafuuraa" jechi jedhuu 12:1 (2:13, 15, 3:1, 9:11, 10:3, 4, 14:37, 15:44, 46) fayyadama irra kan oolee wajjin bifa tokkoo. Innis kennawwan irraa, namoota, wantoota, k.k.f…wajjin adeemuu danda'a, hiikii qabiyyee barreefamaa in murteessa.

▣ **"Haa ta'uu malee raajii dubbachuun keessumati"** "raajii" jechii jedhuu I Qorontos fayyadama irra kan oolee miira adda ta'en. Innis kan Kakuu Moofaa raajoota tajaajila raajii kan argisiisu miti (jechuun, jecha qulqulluu barreefamaa), haa ta'uu malee ifaa kan ta'ee tamsaasa wangeelaati, lallaba galmaas ta'ee dhuga baatii dhuunfaa. Amantoota hundumaan akka ta'uu barbaada (14:39), garuu immoo inni kennaa hafuuraas ta'ee (12:10,28-29). Amantootni hundumtuu sadarkaa adda addaatiin kennaa hafuuraa hundumaatiin hirmaatoo dha, haa ta'uu malee tokko yookaan kan biraan karaa hafuura qulqulluutiin amantootaa dhuunfaa humnaan yeroo mul'atuufi humna guutuu danda'a, bu'aa adda ta'eef. Kunni amantootaa baay'ee gidduutti wali wajjin hojjeechuuf hafuura jaalalaa gaafata. Nuyii wangeelaaf, tokkummaaf waamamneera. Bu'a qabeessa kan ta'uu wali wajjin yeroo taanuu qofa! Amantootni kan biroon baay'ee nu barbaachisu. Waldaan kiristaanaa kan waamamani, kennaa kan qaban, tajaajiloota yeroo guutuu hawasaa. Ayyaanichi kan nuu kennamee wangeela tamsaasuu fi fayyummaa waldaa kiristaanaatii fi gaarummaadhaaf.

Ayyaanni kunni afaanoota wajjinin wal bira qabama "inni waldaa kiristaanaa guutuu in qulleessa?" safartuu jedhuun. Kana jechuun qabiyyee barreefama kanaatiin" wangeela labsuu hiika jedhu qabaata, innis immoo waldaa kiristaanaa guutuu fi irra darbes keessumootaafis eebba. Afaan adda addatiin dubbachuun amanaa dhuunfaa kan ta'ee eebba waldaa kiristaanaa guutuu fi haga hin hiikamneeti. Jecha kanaa bifa Kakuu Moofaatiin hubachuun nurra in jiraatu, innis mul'ata liqimfamuu (mata duree addaa raajiin Kakuu Moofaa 12:10 irratti ilaali).

## Mata duree addaa: Raajii Kakuu Haaraa

I. Inni akka raajii Kakuu Moofaa kan fakkaate miti (BDB 611), innis hiika barsiisoota akka qabuu mul'ata liqimfamuu, Yaahiwwee irraa (Hoj.erg. 3:18, 21, Room 16:26). Sagallee isaa qulqulluu barreessuu kan danda'an raajoota qofa
   A. Museen raajjummaadhaaf waamamera (Seera. Keessa deebii 18:15-21)
   B. Kitaaba seena (Iyyaassu –mootota [ruuti irraa kan hafee] "raajoota dursa" jedhamanii waamamuu (Hoj.erg 3:24).
   C. Raajoonni bakka amngafa lubaa qabatuu,burqaa ergaa Waaqayyoo irraa dhufuun (Isaayaas – Milkiyaas)
   D. Jechii qulqulluun Ibirootaaf ramaddii laman "raajoota" dha (Maati 5:17, 22:40, Luqa 16:16, 24:25, 27, Room 3:21).

II. Yaada rimeen Kakuu Haaraa karaa adda addaa baay'eedhaan fayyadama irra oola.
   A. Gara raajoota Kakuu Moofaati fi gara ergaa liqimfamuu isaanii ilaalchiisuu (Maati 2:23, 5:12, 11:13, 13:14, Room 1:2).
   B. Gara nama dhuunfaatti ergaan argisiisuu garee walii gala caalaa (jechuun, raajoonnii Kakuu Moofaa dura Isiraa'eeliif dubbatu).
   C. Gara lachuutti argisiisuudhaan, gara Yohannis cuuphaatti (Maati 11:9, 14:5, 21:26, Luqa 1:76) fi Yesus akka mootummaa Waaqayyotti labsii kan dubbatan (Maati 13:57, 21:11, 46, Luqaa 4:24, 7:16, 13:33, 24:19). Yesus raajoota irra akka caalee ibsameera (Maatii 11:9, 12:41, Luqa 7:26).
   D. Raajoonni kan biroon Kakuu Haaraatti
      1. Jireenya durii Yesus, wangeelaa Luqaas irratti akka galmaa'eeti (jechuun, yaadannoo

Maarihaam).
   a. Eelsabeeti (Luqa 1:41-42).
   b. Zakkariyaas (Luqaa 1:67-79)
   c. Simihoon (Luqa 2:25-35)
   d. Haannaa (Luqaa 2:36)
2. Raajjiiwwaan dubbii dhokataa (Qaayaafaa, Yohannis 11:51)

E. Wangeela kan labsuu fi tokkotti kan isaan argisiisan (tarreefamni labsii ayyaannaa 1 Qoro 12:28-29, Efe 4:11)
F. Waldaa kiristaanaatti hojii irra oolaaa kan jiruu ayyana kan argisiisu (Maati 23:34, Hoj.erg. 13:1, 14:32, Roome 12:6, 1 Qoro 12:10, 28-29, 13:2, Efe 4:11). Kun al tokko tokkoo dubartoota argisiisuu danda'a (Luqaa 2:36, Hoji.erg. 2:11, 21:9, 1 Qoro 11:4-5).
G. Bara raawwataa macaafni mul'ataa kan inni argisiisuu (Mul'ata 1:3, 22:7, 10, 18, 19).

III. Raajoota Kakuu Haaraa

A. Isaan mul'ata liqimfamuu hin raajaan, raajonnii Kakuu Moofaa miiraa gochaa turaniin (jechuun, jechii qulqulluun). Kun ibsa kan ta'udha, "amantii" gaaleen jedhuu irraa kan ka'e (jechuun, yaadannoowangeela xumuramee) fayyadama irra kan oolees Hoj.erg 6:7, 13:8, 14:22, Galaa 1;23, 3:23, 6:10, Filli 1:27, Yihuu 3:20 dha.

Yaad-rimen kun ifaa dha, Yihuuda 3 fayyadama irra kan oolee gaalee guutuun "qulqulootaaf yeroo tokkoo wali gala waa'ee amantii kennamee." "Yeroo tokkoo wali galaaf" amantii kennamee kan argiisuu gara dhugaati, doktirinoota (ibsa amantii), yaad-rimee adduunyaa kiristaanaa barumsawwani. Kun kan yeroo tokkoo cimsa kennamee haala barumsa Waaqayyuummaatiin barreefama Kakuu Moofaatiin kan jiruu liqimfamuu kan murteessuu hundee Macaafa qulqulluu yeroo ta'uu (akkasumas kan boodaas ta'ee barreefamoonni biraan barsiisoota godhamee akka fudhataman hin hiyyamu. Kakuu Haaraatti wanti wal fakkaatuu baay'een , wanti hin mirkanoofnee, bakkii ifa hin taane in jiraatu, haa ta'uu malee amantitii kan cimsan amantiidhaa fi gochaaf "kan barbaachiisuu" wantootni kam illee bifa ifaa ta'een Kakuu Haaraa keessatti galfamuu isaaniti. Yaad- rimeen kun "kan mul'ata golee sadan" jedhamee kan beekamuu bifa ifa ta'een ibsameera.

1. Waaqayyo mataa isaa seenaadhaa fi yeroo bakka ibseera (Mul'ata(
2. Innis namoota barreesitoota murtaa'an fillateera, gochoota isaa akka galmeessanii fi akka ibsan (liqimfamuu)
3. Innis sammuudhaa fi laphee namootaa bannuudhaan hafuura isaa kennerra, barreefamoota kana akka hubatanii fi, bifa murtaa'een utuu in ta'in, haa ta'uu malee fayyinnaa fi milkaa'uumaaf jireenya Kiristoosiin fakkaatuu hanga ga'uu (ibsa). Kan tuqaa kanaa kan ta'uu liqimfamuu jechiichaa fi barreesitootni daangeeffamuu isaaniti. Kan biroon kan aboo barreefamoonni mul'ati, yookaan ibsa hin jiraatu. Qulqulluun sagallee isaa maxanfameera (cufameera). Waaqayyoodhaaf deebii sirri ta'uu akka laanuu fi dhugaa barbaachiisa ta'ee qabna. Dhugaan kunni haala fooya'een kan argamuu barreesitootni macaafa qulqulluu wali galuu yookiin qajeellummaa fi amantoota gaarii wali galuu dhiisuu isaaniti. Barreessaan ammayyaa kam iyyuu yookaan sagallee qulqulluu isaa irraa kan dubbatuu barreesitootni haalaa fooya'een geggeessummaa Waaqayyummaa hin qabu.

B. Karaa tokko tokkoon raajoonni Kakuu Haaraa Raajoota Kakuu Moofaa wajjin wal fakkaatu.
1. Dhugaa dhufuu raajuudhaan (Phaawulos Hoji.erg 27:22, Agaabos Hoji.erga 11:27-28, 21:10-11, kan biroon maqaan kan hin heeramnee raajota Hoji. Erga 20:23).
2. Murtii beeksiisu (Phaawulos Hoji.erga 13:11, 28:25-28).
3. Gochawwaan wal fakkaatan, isaanis dhugaa tokkoo akka mul'atu godhanii argisiisu (Agaabos Hoji.erga.21:11).

C. Isaan al tokko tokkoo karaa raajiitiin dhugaa wangeelaa in labsu (Hoji.erg 11:27-28, 20:23, 21:10-11), kun garuu xiyaafannoo duraa miti. Raajuun 1 Qoro wangeela hir'uu dha (14:24, 39).

D. Isaan galumsa haalaa hafuuraati, dhugaa Waqayyoo haala yerootii fi gocha raawwachuu wajjin, waa'ee haala haaraa, aadaa, yookaan yeroodhaaf sa'aati kan argisiisaan (1 Qoro 14:3).

E. Isaanis waldaa kiristaanaa isa durii kan Phaawulos damaqinaan in raawwatu turan,(1Qoro 11:4-5,

12:28, 29, 13:29, 14:1, 3, 4, 5, 6, 22, 24, 29, 31, 32, 37, 39, Efe 2:20, 3:5, 4:11, 1 Teso 5:20) akkasumas Didache heerameera (kan boodaa jaarraan tokkoon yookaan jaarraa laman) guyyaan isaa beekamaa miti), akkasumas jaarraa lama fi sadan Kaaba afrikaa Montaniziim.

IV. Kan Kakuu Haaraa kennaan hafuura qulqulluu dhaabeeraa hii?

A. Gaaffii kana deebisuun in ulfaata dhimma isaa ibsuu wayya, kaayyoo ayyaannaa ibsuudhaan. Isaan kan jedhani ka'umsi lallaba wangeelaa cimsuu dhaahii yookaas karaa itti fufenya qabuun tajaajila waldaa kiristaanaatii fi biyyaa lafaa badeefi?

B. Tokkoo gaaffiicha deebisuuf ilaaluun kan irra jiru seenaa waldaa kiristaanaatii yookaas Kakuu Haaraan mataa isaa ti? Kennaan hafuura qulqulluu Kakuu Haaraa kan yeroo ta'uu isaa wanti argisiisuu in jiru. 1 Qoro 13:8-13 fayyadamuu kan isaan yaalaan isaan dhimma kana deebisuudhaaf yaada keeyatichaa isa guddaa wallin dha'uu, kunnis, wanti hundumtuu jaalala irraa kan hafee darbuu isaa kan cimsu.

C. Ani dubbachuudhaaf kan na qoruu, Kakuu Haaraa dha asitti seenaa waldaa kiristaanaa osoo hin ta'in taayiitaa kan qabuu, amntooti dirqamatti jabessuu kan qaban ayyaanootaa itti fufeenya ta'uu isaaniti. Ta'us, aadaan hiika irrati dhiibbaa akka qabu nan amana. Tokko tokkoo baayee ifa barreefamni ta'an kana boodee hojii irra in oolaan (jechuun, wal dhunguu qulqullaa'aa, marata dubartiin uffattu, walitti qabama waldaa kiristaanaa manatti k.k.f…). Aadaan barreefamatti dhiibbaa yoo qabaate, seenaan waldaa kiristaanaas akkamiti ree?

D. Kun gaaffiidha yyuu, innis sirritti deebi'uu kan hin dandeenye. Amantootni tokko tokkoo "gargar kutuu" in degeruu, kan biroon immoo "gargar cituu dhiisuu isaa". Naannoo kanatti akka dhimma hiikoota baay'eetti, lapheen amanaa furtuu dha. Kakuu Haaraan qabatamaa kan hin taanee fi kan aadaati. Rakkisaa kan ta'uu barreefama isa kamtuu kan aadaa/dhiibbaa seenaa akka qabuu fi isa kamtuu yeroo hundumaatii fi aadaa akka ta'aanii murteessuu danda'uu irratti (Fee fi Stuart's How to Read the Bible for All it's Worth (macaafa qulqulluu fayyadama isaa guutuu wajjin akkamitti dubbisuun akka danda'amu) fuula 14-19 fi 69-77). Asitii kan birmadummaatii fi itti gaafatamumman ibsaa kan ta'an, isaanis Roomee 14:1-15:13 fi 1 Qoro 8-10 kan argamanii fi murteessoo dha. Akkamitti gaafficha akka deebifnu karaa lama fayyada.

1. Tokkoon tokkoon amanaa ifa qabuuni amantiidhaan dirqamatti adeemuu qaba. Waaqayyoo laphee keenyaa fi yaada keessa keenyaa ilaala.
2. Tokkoon tokkoon amanaa amantoota kan biraa hubannoo amantaa mataa isaanitiin akka deeman dirqamatti hiyamuu qaba. Wal dandda'uun dirqamatti jiiraachuu qaba daangaa macaafa qulqulluu keessatti. Waaqayyoo wali walii keenya akka jaallanu in barbaada, inni akka godhee hundumaa.

E. Dhimmicha guduunfuudhaaf kiristaanuumaan kan amantii jireenya jaalalaati xin-waaqummaa mudaa malee utuu hin ta'in. isa wajjin walitti dhufeenyi qabnu akkasumas kan biroo wajjin wallitti dhufeenya qabnu dhiibbaa kan uumuu, ragaa murtaa'ee yookaan geggeesummaa amantii kan ta'ee raawwatee fi caalaatti baay'ee kan fayyaduu dha.

**14:2**

**NASB, NKJV**

**NRSV, NJB** **"Afaan hin beekamneen"**

**KJV** **"Afaan hin beekamneen"**

**TEV** **"Afaan hin beekamnee keessumaa ta'aaniin"**

Jechi Girikii kunni glossa dha, innis dubbii haalaatiin kan murtaa'ee afaan namootaa yookaan tooftaa kan argisiisu "kan afaan hin beekamiini" shaakali guyyaa penxee qoostee ifattii kan inni argisiisuu afaan namootaa beekamee dha Hoji.erg. 2:6-10). Dinqiin isaa kan ta'ee kan fakkaatuu gura irratti (jechuun,"isaanis qooqa mataa isaaniitiin osoo dubbatanii in dhaga'u tura"). Ta'iin wal fakkaataan kunni Hoji Ergamootaa irratti yeroo baay'ee godhameera. Amantootni Yihudoota kaayyoo mirkaneefachuu, kunnis Waaqayyoo garee kan biraa uummata akka simatee (jechuun, kan Waaqa irraa, namoota loltoota Roomee, uummata).

Kunnis, 1 Qoro "Afaanoota haaraa" kan fakkaataan gari caalaan isaa haasaa nama ajaa'ibsisuu dha, kan Girikii waaqa tolfamaa, akka Delifi, kunnis dubartittiin gara moortuutti deemuudhaan namni biraan kan ihseen keessa jirtuu akka hiikuu dha. Qorontos magaalaa guddoo turte. Uummata addunyaa irra jiran guutuun Qorontosin turan, ta'us barreefamichi "hiikaa afaan hin beekamnee" akka kennaa hafuuraatti yoo kaa'es (1 Qoro 12:10, 30, 14:26). Namichi afaan alaa kan dubbatu kan ta'ee miti.

▣ **"Namootatti in dubbatuu Waaqayyotti malee"** afaani hin beekamnee Qorontosi dubbii dhuunfaadhaani, Waaqayyoo fi amanaa giddutti (lakk.24). Afaanoonni hin beekamnee mataa isaanitti tooftaa walitti dhufeenyaa miti, Waaqayyo wajjinin kan jiruu firooma dhi'eenyaa malee. Yoo hiikamee qofa inni dubbatuu fi inni dhageeffatu kan hubatu.

▣ **"Eenyuu iyyuu hubachuu hin danda'u"** afaanni hin beekamne Qorontos sagallee arabaatti kan beekamee kan hin ture. Deelifitti wanti adda ta'ee tokkoo namni (yeroo hundumaa dubartiin) wal simachuu kan hin dandeenye sagallee in dhageesifti, isa booda kan biraan isaan kana kan biraa duratti in hiika. Gochi kunni kan wal bukkee fakkaata, Qorontosiin akkuma ture, "kan hin beekamne" sagallee. Hoji Ergamootaa irratti tokkoo illee "kan hiikuu" hin ture!

**14:3 "Qulqulleessuu"** kun qorumsa sada dha, kennaa hafuuraa qorannoodhaaf fayyadama irra kan oolee (boqonnaa 12C irra kan jiru qabiyyee barreefamaa ilaali). In qulqulleessuu, yookaan in ijaaruu waldaa kiristaanaa? Wanti qabatamaan kunni boqonnaa kana keessatti irra deebi'ee deddeebi'ee ta'eera lakk.3, 4, 5, 12, 17, 26. Sababa kanaatiin "raajiin" wangeela akka qoodutti ta'ee kan hubatame, isas "afaan in beekamne irraa" caalaatti barbaaduun kan irra jiratu. Raajiin kan walitti qabaman hundumaaf wangeela labsa, afaani in beekamne garuu isa dubbatu qofatu eebbifama, hanga hin hhikamneeti. Yoo hiikaman afaan hin beekamnee hiikii isaani wangeela labsuudhaa fi kaayyoo wal fakkaataadhaa fi tajaajilu (jechuun, raajuu). Mata duree addaa, qulqulleessuu 1 Qoro 8:1 ilaali.

▣ **"Akkasumas gorsuu fi jajjabeesuufis"** kaayyoon wangeela labsuu abbaa wangeelaa qofaaf kan adda ba'ee miti, garuu immoo waldaa kiristaanaa jajjabeesuudhaa (jechuun, qulqulleessuu, gorsuu, jajjabeessu).

**14:4 "Afaan hin beekamneen kan dubbatuu mataa isaa qulqulleessa"** afaanni hin beekamne Qorontos hanga hin hiikamneetti nama dhuunfaa irratti kan xiyyaafatu kennaa dha.

▣ **"Waldaa kiristaanaa"** jechi kunni Ekklesia yero ta'uu keeyata (gochama) hin qabu, innis kan amantootaa qaama wali gala kan argisiisuu dha. Yaadii Phaawulos, hundumtuu amantoota, kan fillaman muraasa utuu hin ta'in, waaqeeffannaa wali galaatti kan eebbifamani. Mata duree addaa 1:2 ilaali.

**14:5 "Hundumtii keessan afaan hin beekamneen akka dubbataniifi nan barbaadaa"** 12:30 wajjin wal bira qabi akkasumas gaalee kana gaalee itti fufee jiruu wal cina akka ta'ee yaadadhu. Phaawulosi afaani hin beekamnee salphisaa hin jiru, haa ta'uu malee (1)kennaa hafuuraa kan biroo wajjin walitti dhufeenya sirrii isaan qaban cimsaa jira, akkasumas (2)qajeelfama hojii irra oolee tokko tokkoos tolchaa jira. Warri Qorontos walummaa gallatti kenna kanaa barbaadaa kan turan dhuunfaatti, ulfinna eenyummaa fi ittiin kabajamuudhaaf ture.

▣ **"Raajii kan dubbatuu in caalaa"** qorannoon kunni madaallii Phaawulosi ka'umsa afanooti hin beekamnee waldaa kiristaanaa walitti qabamee qulqulleessuu irratti gatti gadi bu'aa akka qabuu dha. Haa ta'uu malee afaan in beekamneen dubbachuun sirrittii kennaa hafuura qulqulluu ta'uu isaa yaadadhu (lakk.18, 39)!

▣ **"Haga hin hikamneeti"** kunni ramaddii sada hima haalaatti, ei kan wal baree ean bakka isaa. Innis kan danda'amuu namni tokkoo lamaan isaa, kennaa afaan hin beekamnee fi hiikuu isaa yoo qabaate jechuu dha? Barreefamoota kan biraa irratti ifa akka ta'ee geggeesonni kiristaanaa tokkoo olii kennaa hafuuraa qabu (Hoji.erg. 13:1, 2 Xiimoo 1:11). Ta'us namni tokkoo afaan hin beekamneen dubbachuu fi hiikuu kan danda'uu yoo ta'ee, maaliif kan hiikuu isa barbaachiisaa? Qindaa'ummaan kunni raajii iraa maaliin adda ba'aa? Tarii kan danda'amuu amanaan tokkoo kennaa lamanuu yeroo qabatuu ta'a, isaanis yeroo adda addaati fi fayyadama irra kan oolan kunnis kan baratamee miti (lakk. 13). Caalaatti ta'uu kan qabuu Phaawulosi tooftaa barreefamaa fayyadamee, (tilmaama kennuu dhiisuu) hubachuun kan danda'amuu wallii galuu yeroo waaqeffannaa tokkuummaa barbaachisuu isaa kan ibse.

## I Qorontos 14:6-12

**6Yaa obboloota ko, ani mul'ata tokko yookiis beekumsa yookiis raajii yookiis barsisa tokkoo utuun hin dubbatin, afaan hin beekamne duwwaadhaan dubbachaa gara keessan yoon dhufe, attamittan isiniif**

**waa'ee baasa ree?* [7]Ulullee yookiis kiraara, mi'a lubbuu hin qabne irratti iyyuu qooqni afuufamee yookiis rukutame sun yo gargar ba'uu dhaabaate, maaliif akka ta'ee attamitti beekama ree? [8]Sagaleen fiingee gargar ba'ee yoo dhagamuu dhaabaates eenyutuu laoaaf qophaa'a ree? [9]Isinis akkasuma, arraba keessaniin waan hin hubatamne yoo dubbatan, namni attamitti waan isin jettan beekuu danda'a ree isin akka waan qilleensatti dubbattanii ti. [10]Biyya lafaa keessa afaan garaa garaa baay'een akka jiran beekamaa dha, garuu isaan keessa sagalleen hiika hin qabne hin jiru. [11]Sagalleen sun maal jechuu akka ta'e hin beeku yoon ta'e garuu, anmicha afaan sana dubbatu biratti orma ta'uu kooti; inni dubbatu sunis ana biratti orma ta'uu isaa ti. [12]Isinis kennaa hafuuraa argachuudhaaf erga dhimmitanii, caalaatti waan waldaa kiristaanaa cimsuun hojjechuudhaaf dhama'aa!**

**14:6 "Akka"** keeyaticha irraa harka afur keessaa sadii ramaddii himoota haalaa qabu, lakk.6-12, isaanis gocha cimaa kan argisiisan (lakk.6, 7, 8, 11). Lamanuu lakk. 6 fi 7 gaaffii dha "miti" deebiin jedhuu kan eegatan (lakk. 9 irratti akka ta'e).

▣ **"Mul'ataannis yoo ta'ee beekumsaan yookaan raajiidhaan"** jechi kunni callaqisiisuu kan yaalaan kennoota adda addaa dha haa ta'uu malee adda addumaa isaa ifaa miti. Ta'uu kan qabuu Efe 4:11 kennaa baay'ee kan qaban geggeesitooti haga heeramaniti tokkon tokkoon isaani wangeela labsu, haa a'uu malee cimsoota adda addaa, asittis akkuma sana. Waaqayyoo dhugaa isaa karaa adda addaa ibsa, haa ta'uu malee qabiyyee wal fakkaataadhaan. Kennaa baay'ee wangeela tokkoo, kennaa baay'ee kan qaban amantoota, kaayyoo tokkoo (jechuun, qulqullaa'uu waldaa kiristaanaatii fi guddina waldaa kiristaanaa Maatii 28:19-20, Luqa 24:47, Hoji.erg. 1:8).

**14-7-8** Phaawulosi meeshaa faarfannaa ullulleedhaa fi gitaaraa fayyadame tuqaa isaa kaa'uudhaaf, lakk.7 irratti akkasumas Fiinoo lolaa lakk. 8 irratti. Meeshaan faarfannaa kaayyoo adda addaatiif kan oolan (jechuun, faarfannicha uumuudhaaf yookaan mallatoodhaaf). Meeshichi sagallee dogogoraa yoo baasee jeequmsatu uumama. Sagalllee namootaa jechuun namoota biroo wajjin ragaa wal jijjiiruu dha. Inni sagallee yoo kennee, kunnis immoo namoota biroodhaaf bu'aa kan hin qabne, kaayyoo isaa fiixaan in baafne jechuu dha lakk.9).

**14:10** Kunnis darbee darbee ramaddii arfa hima haalaati. Lakk.kunni afaani hin beekamnee afaan beekaman irraa ta'uu isaanii mirkaneeffachuu irratti fayyadama irra ooluu kan danda'uu miti. Phaawulos jecha adda ta'ee fayyadameera (jechuun, *phōnē* dha *glōssa* osoo hin ta'in) lamanuu lakk.10 fi 11. Innis akka ta'utti afaan hin ijaaramnee yookaan afaan ormaa hubachuun rakkisaa ta'uu isaa ibsa argisiisuu dha. Afaan namaa jechuun hubatamuu kan dand'auu dha.

**14:11**

| | |
|---|---|
| **NASB, NJB** | **"Aramaahootaa"** |
| **NKJV , NRSV** | |
| **TEV** | **"Orma"** |

Kun jecha booriisa (onomatopoetic) jechuun, *barbarous* afaanoota biraas keessumaa kan ta'ee sagalleen Girikootaa fi warra Roomeetif, keessumatti Kaabaa fi Impayeera Roomeef (bittaa bal'aa) kan turan firoota gosaa. Girikootaa fi Roomeen akka jedhanittti isaan afaan gosootaa kan kan dhageesisan sagallee turan "Bar, bar" ture, isaaniif. Akkasumas, "Barbaaroota" jecha jedhuu dha.

**14:12 "Kennoota hafuuraa cimsitanii kan barbaadaan yoo taatan"** Phaawulosi fedha miira isaanii o'ee in ceephane (lakk.1), haa ta'u malee waldaa kiristaanaa guutuu fi akka qulqulleessuuf toora qabachiise (12:7).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | |
| **NRSV, NIV** | **"Kennoota hafuuraa"** |
| **RSV** | **"mul'achuu kan hafuura"** |
| **TEV** | **"Kennaa hafuura qulqulluu"** |
| **NJB** | **"Humna hafuuraa"** |

Kunni jecha wal fakkaataa girikii miti, 12:1 (jechuun, *pneumatikōn*) akka jedhutti, haa ta'uu malee abbummaa diribi argisiisa *pneuma*, (mata duree addaa, hafuura qulqulluun macaafa qulqulluudhaan 12:1 irratti ilaali), hiikii isas "hafuuraa" "lubbuu" "hafuuraa" kan ta'e. Boci kun immoo 12:10 irratti argama, innis kennaa adda addaa kan argisiisuu dha (jechuun, hafuuroota adda baasuu, 1 Yoha 4:1). Qabiyyee barreefama isaatiin inni kan argisiisuu kan fakkaatuu kennoota hafuuraa adda addaati, hafuura qulqulluudhaan kan kennaman (12:11) faayida qaama isaatiif akka ta'uu dha (12:7).

▣ **"Waldaa kiristaanaa qulqulleessuudhaaf akka isinii baayaatu barbaadaa"** gochi kunni xiyaafaata lakk.baay'eeti. Galmii kennaa hafuuraa taayitaa nama dhuunfaa fi kennuudhaa fi ulfinnaaf miti, haa ta'uu malee qaama kirisstosiif, gudinnaa fi fayyummaa waldaa kiristaanaatiif male. "irraa hafaa" mata duree addaa 2 Qoro 12:7 ilaali.

## I Qorontos 14:13-19

**13Kanaafis namni afaan hin beekamneen dubbatu, isa dubbate sana hiikuu akka danda'uuf kadhachuutu isa irra jira. 14Ani afaan hin beekamneen yoon kadhadhae, hafuurri koo in kadhata, qalbiin koo garuu duukaa hin kadhatu. 15Egaa maal wayya ree? Ani hafuuraan nan kadhadha; hafuuraan nan faarfadha, qalbii kootis immoo nan faarfadha*. 16Kanaa achii yoo ati hafuuraan Waaqayyon galateeffatte, waan ati jette erga hin beeknee, inni hiika dubbichaa hin hubannee attamitti galata ati dhi'eessite sanatti, "amen" jechuu danda'a ree*. 17Galannii atii dhi'eesite ammam gaarii yoo ta'e iyyuu, anmicha isa kaan cimsuudhaaf hin gargaarre. 18Ani hunduma keessan caalatti afaan hin beekamneen waanan dubbadhuuf, Waaqayyon nan gallateefadha. 19Haa ta'uu iyyuu malee, waldaa kiristaanaa keessatti afaan hin beekamneen sagalee kuma kudhan dubbachuu irra, warra kaan barsiisuudhaaf qalbii kootiin sagalee hiika qabu shan duwwaa dubbachuu nan jaalladha.**

**14:13** Haala qabiyyee barreefama isaatiin kun kan argisiisuu wangeela hundumaan ga'uu kabaja dhuunfaa caalaa fillachuu isaati (lakk.15). Gochamni kun kan argisiisuu amantootni kenna tokkoo yeroo fayyinaatti akka kennamuuf (12:11), booda irratti immoo kan biraa akka gaaffatanii dhaa? Gaaffiin kun dirqamatti utuu hin deebi'iin hafuu qaba. Tokko tokkoo kennaa baay'ee akka qaban ifaa dha (Hoji.erg. 13:1, 1 Xiimoo 2:7, 2 Xiimoo 1:11).

**14:14 "Akka"** kun ramaddii sada kan haalaatti, akka lakk.6 7, 8, 11, 23, 24, 28 fi 29.

▣ **"Haafurri koo in kadhata"** kun kan argisiisuu hafuura namootati. Innis waa'ee qaama isaatti dubbii haalaa dhaabbataa dha.

▣ **"Sammuun koo garuu akkasumaan"** Phaawulosi waa'ee Qorontos ogummaa jaallachuu argiisiisaa jira. Innis immoo lama kan inni cimsuu hafaanoti haaraan qophaa isaanii walqunnamuu akka hin dandeenyee dha, inni dubbatu illee.

**14:15**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Egaan irraa hafaa maalii dhaa"** |
| **NKJV** | **"Egaa bu'aan isaa maalii"** |
| **NRSV, TEV** | **"Egaa mal gochuutuu narra jiraataa"** |
| **NJB** | **"Kana boodaa hoo"** |

Kun dubbii haalaatti (14:26, Hoji.erg. 21:22). Phaawulosii ibsa isaatiif guduunfuu waan barbaadee fakkaata.

▣ **"Hafuuraan nan faarfadha"** kun kan argisiisuu kan biraa kennaa hafuuraattii (lakk.26, Qolaa 3:16, Efe 5:19)?

**14:16 "Akka"** kun kan biraa ramaddii sada hima haalaati, akka lakk. 6, 7, 8, 11 fi 14.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Bakka kennaa hin qabne kan qabatee"** |
| **NKJV** | **"Bakka nama hin hubannee kan qabate"** |

**NRSV** **"Bakka warra ala jirani akkamitti godha"**
**TEV** **"Namoota akkasumani akkamitin walga'icha irratti hirmaachisa"**
**NJB** **"Nama hin hubanne"**

Jechi kun fayyadama irra kan oole wanta kana fakkaatuu wanta bakka qabu kan hin hubannee yookaan nama hin beeknee dha, akkasumas kan hin barannee yookaan nama akkasumaani (HoE 4:13, 2 Qoro 11:6). Assitti fi lakk. 23-24 irratti kan jiruu fayyadamni tokkoo yookaan lamaa hiika yaadamuu qaba.

1. Keessummaa dhaabbataa, wal ga'ii kiristaanaa lakk.23 immoo kan yeroo jalqabaa keessummaa ta'uu danda'a.
2. Kiristaanaa haaraa ta'uu danda'aa, haa ta'uu malee kan afaan haaraa yookaan kennaa hiikuu kan hin qabne.

"Bakka isaa" gaaleen jedhuu argisiisuu kan danda'uu inni tokkoo (1) keessummoota yookaan kiristaanaa haaraa ta'uu danda'aa, isaanis qulleesanii dhageefachuu akka in dandeenyeetti kan qabatan yookaan (2) dubbii haalaa nama in hubannee kan ta'e.

▣ **"Ameen' jechuun"** mata duree addaa kanaa gadi jiru ilaali.

Dhugumatti ta'uu kan danda'uu jechi olii adeemuu kan danda'uu amanaa kennaa hin qabnee dha (F.F. Bruce, Annswers to Questions, (gaaffii fi deebii) fuula 98). Innis dhugaa yoo ta'ee, egaa Phaawulos kan inni barbaadee mantootni tokkuummaadhaan yeroo Waaqeffannaatti kan isaan dubbatan jecha raajii "akkamirkaneefatan" yookaan "akka murtii kennan" dha (2:12, 15, 14:29, 37, 1 Teso 5:20-21, akkasumas 1 Yoha 4:1 hubadhuu). Eenyu illee "amen" jechuun irra hin jiraatu:

1. Isaanis waan jedhame hagaa hin hubanneetti
2. Isaan karaa qabuu (jechuun, hafuura qulqulluu) kan inni jedhee qoruudhaaf.

## MATA DUREE ADDAA: AMEEN

**I.** KAKUU MOOFAA

A. Jechi "Ameen" jedhamu jecha Ibruu armaan gadii irraa argame
   1. "dhugaa" (*emeth*,, BDB 49)
   2. "amanamummaa" (*emun, emunah*, BDB 53)
   3. "amantii" ykn "amantiin guutuu"
   4. "abdannaa" (*dmn*, BDB 52)

B. Saayinsiin maddaa fi seenaa isa adubbatu dhaabannaa qaamaa dhaabbataa nama tokkoo irraayi. Faakaan isaa nama tokko kan dhaabbataa hin taane, miliqaa/mucucachaa jiru (cf. Kes. 28:64-67; 38:16; Far. 4:2; 73:18; Er. 23:12) ykn gufachaa jiruudha (cf. Far. 73:2). Itti fayyadama jechaa fi jechaa kanarraa bakka buusni dheeressuu amanummaa, abdatamummaa, amanamuu, fi of danda'uu ni dagaagse (cf. Uma. 15:16; An. 2:4).

C. Itti fayyadamtoota addaa:
   1. utubaa, 2Mot. 18:16 (1Xim. 3:15)
   2. wabii, Ba'u, 17:12
   3. amanamaa, Ba'u 17:12
   4. dhaabbataa, Isa. 33:6; 34:5-7
   5. dhugaa, 1Mot. 10:6; 17:24; 22:16; Fak. 12:22
   6. jabaa 2Sen. 20:20; Isa. 7:9
   7. abdachiisaa (Torah), Far. 119:43, 142,151,168

D. Kakuu Moofaa keessatti jechoonni Ibruu kan biroo lama amantii isa si'aawaadhaaf faayidaarra oolani.
   1. *Bathach* (BDB 105), abdii
   2. *Yra* (BDB 431), soda, kabaja, sagada (cf. Uma. 22:12).

E. Miira abdannaa ykn amanannaa irraa itti fayydamni kadhannaa mana sagadaa ibsi kan biraa isa dhugaa ykn amanamaa akka ture ragaasisuuf dagaage. (cf. Kes. 27:15-26; Nah. 8:6; Far. 41:13; 70:19; 89:52; 106:48).

F. Jecha kanaaf furtuun ti'oolojii amanamummaa dhala namaa otuu hin ta'in, kan YHWHti waadaa

Isaati. Kanneen YHWH beekan akkuma Isaa ta'uu qabu (cf. An. 2:4) Macaafa Quqlulluu galmee seenaa fi fakkii Isaa Waaqayyo Uma. 1:26-27). Fayyinni dandeettii dhala namaa akka Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya cimaa qabaatu ni supha. Kanumaa fi kan nuyi uumamneef.

**II.** KAKUU HAARAA

A. Itti fayyadamni jecha "amneenii" akkuma raggaasisa kadhannaa mana sagadaa ibsa amanamummaa ibsa tokkoo of keessatti hammatu Kakuu Haaraa keessatti kan baratameedha (cf. 1Qor. 14:16; 2Qor. 1:20; Mul. 1:7; 5:14; 7:12).

B. Itti fayyadamni jechichaa kadhataa tokkoof akka xumuraatti fayyaduun isaa Kakuu Haaraa keessatti kan baratameedha (cf. Rom. 1:25; 9:5; 11:36; 16:27; Gal. 1:5; 6:18; Efe. 3:21; Fil. 4:20; 2Tas. 3:18; 1Xim. 1:17; 6:16; 2Xim. 4:18).

C. Ibsoota adda ta'an beeksisuuf jechichatti (yeruma hunda Wangeela Yohaannis keessatti dacha gochuudhaan) kan itti fayyadame Yesus qofaadha (cf. Luq. 4:24; 12:37; 18:17,29; 21:32; 13:43)

D. Inni Mul. 3:14 keessatti Yesuusiif akka aangootti faayidaarra oole (Isa. 65:16 irraa aangoo YHWH ta'uu ni danda'a).

**E.** Qabiyyeen amanamummaa ykn amantii, abdannaa, ykn abdachuun jecha Giriikii Pistos ykn pistis, isa Afaan Oromootti akka "abdii", "amantii" amanannaatti hiikamu keessatti ibsamee jira.

**14:16, 17 "Galata yeroo dhi'eesitan"** gaaleen kun argisiisuu kan danda'uu irbaataa Gooftaati, innis Eucharist jecha Girikii irraa "galata dhi'eessuu." Ta'us, lakk. 17 kan inni argisiisuu kadhata akka heeruu dha.

▣ **"Namni biraan"** 6:1 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**14:18 "Eenyuu keessaan caalaa afaan haaraadhaan waa'ee dubbachuu Waaqayyoon nan gallateefadha"** Phaawulos waa'ww isa dubbatu in beeka. Lakk kunni, lakk. 39 wajjin wal make kiristaanoota ammayyaa kan bara keenyaatti yaad-rimee afaan haaraa ceepha'uu isaanii fuula dura yeroo lama akka yaadan isaan godheera. Innis immoo isaaf cimsa kan laatu al lama akka yaadu godheera. Phaawulos isa fudhateera, yoo gadi qabee iyyuu.

Boqonnaan kun lakkofsa qeentee irraa lakk.2, 4, 9, 13, 14, 19, 26, 17 fi kan lakk.baayee lakk.5, 6, 18, 22, 23, 39 wal qabataa akka ta'uu ajaa'ibsiisaa dha.

Falmiin waldaa kiristaanaa kana ture (1)ramaddii hawaasummaa (2)abbaa kennaa dhuunfaa fi kan walitti qabamee qulqulleessu giddutii dha. Waldaa kiristaanaa kanatti namooti dhuunfaan yeroo baay'ee kan isaan amataman in tajaajilu (12:7)!

Kunnis fakkeenya biraa dha, Phaawulos yoo xinaate safartuu tokko tokkoon, Qorontosin kan turan baay'ee hinaafoo kan ta'an ibsuu kan yaalee dha. Inni beekumsa yeroo jabessuu jaalala gura guddistuu godheera, amma immoo afaan haaraa jabeessee qulqulleessuu gura guddistuu godheera.

**14:19 "Ta'us waldaa kiristaanaatti jecha shani sammuudhaan dubbachuun barbaadaa…aafaan hin beekamneen jecha kuma tokkoo dubbachuu irra"** kan boqonnaa 11-14 yaadii barreefamichaa kan inni argisiisuu kan namootaa, waaqeffannaa walinitti (lakk.23, 28, 34). Iddoo kanattii yoomii fi eessaa afaan haaraadhaan kan godhamuu waaqeffannaan dhuunfaa baaay'ee kan barbaadamu miti, sababi isaa kan biraan eenyuu iyyuu hin hubatu, ta'es in geeddaramuu (lakk.24:25) yookaan hin qulqulleessuu ("akkasumas kan biraas immoo nan abooma" lakk.3, 4, 5, 12, 1, 19, 26).

## I Qorontos 14:20-25

**20Obbolootа nana! Yaada keessanitti warra ga'an ta'aa malee, mucoolii hin ta'inaa! Hamaa hojjechuuttu garuu akka daa'imootaa ta'aa*. 21Seera keesatti, " 'Namoota afaan isaanii hin beekamneen, hidhii warra kaaniitiinis saba kanatti nan dubbadha; isaan garuu kana irratti iyyuu ana hin dhaggeeffatan' jedha gooftichi" kan jedhu caafameera*. 22Egaa afaan hin beekamneen dubbachuun milikkita warra hin amaniniif kenname dha malee, warra amananiif kan kenname miti; waan Waaqayyo namatti mul'ise himuun garuu, warra hin amananiif miti. 23Waldaan guutuun walitti qabamee, amantoonni hundinuus afaan hin beekamneen yoo dubbatan, namoonni hiika dubbichaa hin beekne yookiis warri hin amaniin yoo ol galan hundumti keessan maraatota hin jedhanii ree*? 24Garuu hundinuu waan Waaqayyo isaanitti mul'ise utuu himuutti jiranii, namni hin amanin yookiis namni dubbiicha keessa hin beekne yo ol gale, wanti dubbatamu hindinuu garaa isaa rukutee, itti in farada*. 25Dhoksaan garaa isaa keessa jirus bakkeetti in ba'a; namichis achumaan adda isaatiin lafa dha'ee, Waaqayyoof in sagada, Waaqayyo dhuguma isin gidduu akka jirus in hima*.**

**14:20 “Daa’ima hin ta’inaa”** kun xiyaafataa ammaati, keeyata alta’aa (gocha) wajjin, innis yeroo baay’ee hiikii isaa deemsa irra kan jiru gocha dhaabuu dha. Isaan naannoo kantti daa’ima ta’ani turan (Efe 4:14), amma illee isaan baay’ee kan hafuuraatii fi gamna akka ta’an yoo yaadan illee!

▣ **“Yaada keessanitti”** jechi Girikii irraa ta’ee lapheedhaa fi somba gidduu uka jiruu yookaan mudhiidhaa fi laphee gidduu qaama jiruu dha. Kunni, sammuu utuu hin ta’in kun bakka Fisioloojiiti, kan ittiin hubatan akka ta’ee in yaadama ture, warra duriitiin.

▣ **“Wanta hamaadhaaf daa’ima ta’a”** bakka tokko tokkootti amantootni kan hin hubannee ta’uu qabu (Maati 10:16, Room 16:19). Hamaa irraa eegamuudhaaf wanti guddaan tokkoon beekuukuu dhiisuu yookaan garamummaa dha.

▣ **“Kan bilchaatan ta’a”** Phaawulosi jecha kana fayyadama irra kan oolche (jechuun, teleios) wangeela guutummaatti kan hubatee fi kan itti jiraatu amanaa ibsuu dha (2:6, 13:10, 14:20, Efe 4:13, Filli 3:15, Qolaa 1:28). Amantooni hundumtuu yeroo jalqaban akka daa’ima kiristaanaatti ta’ani yoo ta’aanis dirqamatti guddachuutu irra jiraata. Kan hubachuu sadarkaa jireenya gaarii in jiraatu. Ta’us, jechi kunni cubbuu dhabuu hin ilaalatu, haa ta’uu malee guutamuu hafuura qulqulluutii fi tajaajilaaf ga’aa ta’u malee.

**14:21-22** kun Isaayaas 28:11-12 muraasi kan heeramee dha. Innis Sooriyaan Israa’eeliin kan waranee wajjin deema. Lakk.22 luqisii kana wajjin adeema malee qabiyyee barreefama guutuu wajjin miti. Himii kunni Phaawulos qabiyyee barreeffama kanaan kan jiruu kan hafan hundummaa wajjin wal falleessa. Innis wajjin deemuu kan danda’uu luqissii Kakuu Moofaa wajjin. Phaawulosi “mallattoo” fayyaddameera, karaa lamaan: murtiidhaa fi ayyaana.

**14:21 “Seeraan”** Yihudootatti qabiyyeen barreefamaa yeroo baay’ee kun kan argisiisuu barreefama Musee wajjin (jechuun, Uumama –Keessa deebii), yeroo hundummaa garuu miti. Yohaa 10:34, 12:34 fi 15:25, gaaleen kun kan inni argisiisuu faarfannaa irraa kan ta’ee luqisii dha, Roome 3:9 akka ta’e. Gaaleen wal fakkaataan kun fayydama irra kan oole lakk. 34 dha, haa ta’uu malee barreefama isa kam akka argisiisuu ifaa miti, Uumama 3 yoo ta’uu baate.

Walter Kaiser, intoward ExegetisalTheology, (waa’ee hiikaa xin-waaqummaa ) fuula 110 irratti yaada isaa ajaa’ibsiisaa laata, kunnis lakk.34 fi 35 Phaawulosi waldaa Qorontos irraa kan inni fudhatee Xalayoota akka ta’e. yeroo baay’ee deebbiin Phaawulos, gaaffii isaani barreefamee kan wal baran “ammas kan ilaalate” gaalee jedhuu dha (7:1, 25, 8:1, 12:1, 16:1), haa ta’uu malee yeroo baay’ee miti (jechuun, luqisiin wali gala xalayicha irraa kan ta’ee 6:12 fi 10:23 irratti argama). Kun dhugaa yoo ta’ee egaa “seerichis immoo akka jedhuutti” argisiisuu kan danda’uu faarfannaa 68: 11 dha. Innis kan heeramee, lakk.36 osoo hin heereni! Faarfannaa 68:11 cimsa kan laatuu oduu gaarii waaqeeffannaa tokkummaa irratti dubartootaan labsamuu isaati. Gordeni Fii 1 Qoro ibsa isaa irratti (ibsa adduunyaalleessa haaraa) akkasumas immoo Phaawulos lakk. 31-35 (fuula 699-708) akka hin barreesine in cimsa.

**14:23 “Akka”** kunni ramaddii sada kan biraa hima haalaatti (lakk.6, 7, 8, 11 fi 14).

▣ **“Waldaan kiristaanaa hundumtuu wali wajjin walitti yoo qabaman”** kan boqonnaa 11-14 qabiyyeemn barreefamichaa kan inni ibsuu qajeelfama waaqeffannaa tokkumaati.

Isaan waldaan kiristaanaa durii kun yeroo baay’ee (1:2 irratti mata duree addaa ilaali) kan walitti qabaman mana dhuunfaatti) jechuun, waldaa kiristaanaa manaa). Yeroo baay’ee magaalaatitti bal’ina Qorontos manni baay’een qabatee ta’aa. Kunis tarii waldaa kiristaanaatti gareen baay’achuu sababa tokkoo ta’uu danda’a. jechi Phaawulos kan isaan argisiisan garee ol jedhaa waliti qabamee dha, hafeera jaalalaa kabajuudhaaf (11:17-34) fi irbaata gooftaa. Amma illee irra kan deddeebi’uu yookaan eessatti akka argannuu beekamaa miti. Lakk.kana irraa yoo kaanee keessummoonni akka hirmaatan hiyyamameera, kunns kan dhoksaa yookaan wal ga’ii cufamee ta’uu dhiisuu isaa.

| | |
|---|---|
| ▣ **NASB** | **“Maratanituu”** |
| **NKJV, NRSV** | **“Sammuu dhaa baatanitu”** |
| **TEV** | **“Hundumtii keessan maraatanitu”** |
| **NJB** | **“Maratanituu”** |

Jechi kunni (jechuun, *mainomai*) fayydama irra kan oole Hoji.Erg. 12:15 fi 26, 24-25 irratti dha. Yoha 10:20 fayyadama irra kan oolee seexanni kan keessa bulee ibsuudhaaf. Jechi kun maraatummaa hin argisiisuu,

hafuurichaan qabamuu male. Aadaa Girikitti kun ilaalamuu kan danda'uu kan caroomee akka ta'ee ejjeennoo hafuuraati, kiristaanummaadhaan garuu miti.

**14:24 "Akka"** kun ramaddii sada hima haalati (lakk.6, 7, 8, 11, 14, 23, 24, 28, 29).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"In ceepha'aa…in qora"** |
| **NKJV** | **"In ceepha'aa..in murteessa"** |
| **NRSV** | **"In ceephaa'aa….in qoraa"** |
| **TEV** | **"Mataan isaa qorannoo keessa akka jiruu in hubataa….in murteessa"** |

Raajiin hubachuu fi ceephoo fida, afaani haaraan garuu naasisuu warra hin amanneetti keessumootaa yookaan amanaa haaraati fida.

▣ **"Hundumtuu….hundumtuu…hundumtuu"** kun tokkon tokkoon amanaa tokkoon tokkoon tajaajila waaqeffannaa irratti dubbachuu isaa kan argisiisu miti, haa ta'uu malee tajaajila waaqeffannaa isaa irrati kan raawwatamu hundumaa irratti ceephoo hafuuraa akka eda'aamuu dha, innis keessumootaa fi kan yaada keessa galfaman amantooti haaraan baruu kan qaban."Hundumtuu" dhugumatti amantootni dubartootni argamuu of keessatti qabata.

**14:25 "Laphee isaatti dhoksaa malee mul'ata"** kun argisiisuu kan danda'uu dhugaa

1. Waaqayyoo yaada ijoollee namaa akka beekuu fi karaa hafuura isaatitiin ceephoo akka fiduu dha (24)
2. Uummata durrati cubbuu ofii himachuu waaqeffannaa jaarraa tokkoo qaama isaa ture (Maati 3:6, Maari 1:5, Hoji. Erga 19:18 fi Yaaqoob 5:16).

## MATA DUREE ADDAA: LAPHEE

Jechi Giriikii "*kardia*" jedhu Hiika beektoota torbaatamaa fi Kakuu Haaraa keessatti, jecha Ibrootaa "*lēb*" jedhu calaqqisiisa (BDB 523). Innis Karoolee hedduun tajaajila (cf. Bauer, Arndt, Ginerich and Danker, *A Greek English Lexicon*, jedhu fuula 403-404 ilaali).

1. bakka bu'ee namaa, handhuura jireenya fooniiti (cf. HoE 14:17; 2Qor. 3:2-3; Yaq. 5:5)
2. buura jireenya afuuraati (i.e. haamilee)
   a. Waaqayyo laphee (namaa) beeka (cf. Luq. 16:15; Rom. 8:27; 1Qor. 14:25; 1Tas. 2:4; Mul. 2:23)
   b. Jireenya Afuura namaaf tajaajila (cf. mat. 15:18-19; 18:35; Rom. 6:17; 1Xim. 1:5; 2Xim. 2:22; 1Phex. 1:22)
3. bu'uura jireenya yaaduuti (i.e beekumsa, cf. Mat. 13:15; 24:48; HoE 7:23; 16:14; 28:27; Rom. 1:21; 10:6; 16:18; 2Qor. 4:6; Efe. 1:18; 4:18; Yaq. 1:26; 2Phex. 1:19; Mul. 18:7; lapheen sammuu walfakkaata, 2Qor. 3:14-15 fi fil. 4:7)
4. bu'uura tarkaanfii fudhachuuti (volition) (i.e. fedhii (will), cf. HoE 5:4; 11:23; 1Qor. 4:5; 7:37; 2Qor. 9:7)
5. bu'uura miira (cf. Mat. 5:28; HoE 2:26, 37; 7:54; 21:13; Rom. 1:24; 2Qor. 2:4; 7:3; Efe. 6:22; Fil. 1:7)
6. gochaawwan Afuuraaf bakka adda ta'edha (cf. Rom. 5:5; 2Qor. 1:22; Gal. 4:6 [i.e., Yesuus laphee keenya keessa buluu isaa, Efe. 3:17])
7. lapheen bakka bu'ee guutummaa nama tokkoo sadoomii ibsudha (cf. mat. 22:37; kan Seera Keessa Deebii 6:5 irraa fudhatame). Yaadni, kaka'umsi, fi gochoonni laphee namaan gumaatan guutummaan nama dhuufnfaa tokko ibsu. Kakuu Moofaa jecha kanaaf tajaajila adda addaa qaba.
   a. Seera Keessa Deebii 6:6; 8:21 "Waaqayyo garaa isaatti gadde" Hosea 11:8-9 irras jira
   b. Seera keessa Deebii 4:29; 6:5, "laphee keessaniifi lubbuu keessan hunda"
   c. Seera Keessa Deebii 10:16 Garaan hin kitaanamne" fi Rom. 2:29
   d. Hisq. 18:31-32 "laphee haaraa"
   **e.** Hisq. 36:26, "laphee haaraa" walsi (vs) "laphee dhagaa"

## I Qorontos 14:26-33

**[26]Egaa'oo yaa obloota ko, yeroo walitti qabamtanitti isin keessaa tokko faarfannaa, tokko barsiisa, tokko mul'ata qaba; inni tokko waan afaan hin beekamneen dubbatu, inni kaaniis hiika waan dubbatame sanaa**

**qaba. Wanti isaan qabankun hundunuu waldaa kiristaanaa cimsuudhaaf haa ta'an*! [27]Namni afaan hin beekamneen dubbatu yoo jiraate, lama yoo baay'ates sadii duwwaan tarreedhaan haa dubbatan; namni tokko immoo isa dubbatame hiikuun irra jira. [28]Namni hiiku yoo jiraachuu dhaabaate garuu, inni afaan hin beekamneen dubbatu sun ofotti, Waaqayyottis haa dubbatu malee, waldaa keessatti hin dubbatin*. [29]Warri waan Waaqayyo isaanitti mul'ise himan immoo lama yookiis sadii ta'anii haa dubbatan, warri kaan immoo waan dubbatamee sana duukaa bu'anii haa qoran*. [30]Warra achi taa'aan keessaa tokkoof mul'anni yoo kennameef garuu, inni duraan dubbachaa ture haa dhaabu! [31]Hundumtuu akka baraniif, hundumtuus akka gorfamaniif hundumti keessan waan Waaqayyo isinitti mul'ise darabeedaan himuu in dandeessu. [32]Warri waan Waaqayyo isaanitti mul'ise himan kunis, hafuurata ittiin dubbatan sana amaaleeffachuun isaaniif kennameera. [33]Waaqayyo ofii isaatii Waaqayyo nagaa ti malee, Waaqayyo sabirii hin qanee miti*. Akkuma waldoota warra Waaqayyoof qulqullaa'aan hundumaa keessatti ta'u,**

**14:26-33** kunni waldaa kiristaanaa damaqtuu ishee durrii, kan hin ijaaramne tajaajila waaqeffannaa sirrii kan ta'e argisiisa. Walumma gallatti ogeessa kan ta'ee Lubni in ture, amma akka ta'e. Eenyu iyyuu birmadummaan in dubbata ture. Rakkinoonni kan uumaman naannoo lama irratti.

1. Baay'een dubbachuu waan barbaadaniif na'uutu irra ture.
2. Wali wali isaaani wal qoqooduu turan.

Phaawulos kan inni yaalaa ture waaqeffannaa wali wajjin tajajila toora qabachiisuu ture, bifa kanaan hafuurri qulqulluun birmadummaa utuu hin daangeessin haa' ta'uu malee kaayyoo walga'ichaa jabbeessuudhaan, innis warra hin fayyini fayyisuu warra fayyan bilcheessuu (Maati 28:19-20). Qindaa'umni kun qindaa'umaaf jecha qofa kan ta'e miti (lakk.32)! Phaawulos waaqeffannaan to'annaa qabuu yoomii fi eessaa hin <u>barbaannee</u>!

**14:26 "Egaan bu'aan isaa maali"** lakk.15 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Wanti hundumtuu qulleessuudhaaf haa ta'uu"** kun seera irra deddeebi'aa dha (jechuun, amma hojii irra kan oolee [kan mirkaneessuu] xiyaafataa). Kaayyoo kennaa hafuuraa nama dhuunfaa tokkoo kabajuu miti, haa ta'uu malee guddina waldaa kiristaanaatti (lakkoofsaanis ta'ee bilchinaan). Bifa biraadhaan kaa'uudhaaf "gochii kun yookaan qinda'umni kaayyoo ergama Yesus isa guddaa qindeessaa?" kan jedhuudha (Maati 28:19-20).
**14:27 "Akkaa"** kunni ramaddii tokkoo hima haalaati. Phaawulos gocha isaa jabeessaa hin jiru, gocha isaani galmeessuu male.

**14:28 "Akka"** kun ramaddii sada hima haalaati. Phaawulos kan inni barbaaduu waaqeffannaan tokkummaa idoo waliti qabaman hundummaatti odeeffannoo hafuuraa kenna. Afaani haaraan yoo hiikaman fudhatama argatu. Waaqeffannaan tokkummaa shaakala dhuunfaa kennuu fi yeroo isaati fi iddoo isaa miti, kaayyoo tokkummaa kaa'uudhaaf.

▣ **"Kan hiikuu yoo hin jiree, waldaa kiristaanaa keessatti cal jechuu qaba"** kun xiiyaafataa yeroo ammaati. Afaanni haaraani fi kennaa raajiii kan qabuu namni to'annaan kan godhamuu dha (lakk.30). Qaami Kristoos qulqullaa'uu fi abbaa wangeelaa malee, birmadummaa dhuunfaa miti, furtuu waaqennaa wali wajjini.

**14:29** Raajoonnii kan hin gaaffatmne birmadummaa hin qaban (jechuun, dhimma mata duree, yeroo, yookaan qabiyyee) dubbachuuf. Isaan kan biroodhaan kan jiruu kennaa amantootaa qruu dana'uu (14:30 fi 12:10, 1 Yoha 4:1-3). Yesus lamanuu bakkee irrattis mana waaqeffannaatis lallaba yeroo dubbatutti seexanni akka ture hubadhu.

▣ **"Murti kenna"** 4:7 irratti yaadannoo jiruu fi mata duree addaa 1 Qoro 10:29 ilaali.

**14:30 "Akka"** kunnis ramaddii sada hima haalati (6, 7, 8, 11, 23, 24, 28, 29).

▣ **"Inni duraa cal haa jedhuu"** kun lakk.28 wajjin wal bukkee dha (jechuun, gocha xiyaafataa ammaatti). Kun kan argisiisuu inni dubbatuu tarii amanaa biraadhaan gargar cituu danda'uu isaati, akkasumas inni dubbacha jiruu haaraa kan dubbatuu fi dhageefachuutu irra jiraata, deebii kennuu isaa yookaan mul'aticha irratti dabaluu isaa dura. Isaan kunni tajaajiloota durii baay'ee damaqoodhaa fi salphaatti kan raawwatan tura. Kunnis gara eenyummaa tokko tokkoo iti argisiisa, innis cimaa kan ta'ee seera akka argisiisan eenyummaan biraan!

Amma gaaffii kan ta'u "kunni hundumaaf waldaa kiristaanaa Phaawulosi qinda'uma dhaabbataa dhaa yookaanis waldaa kiristaanaa Qorontosiif bifa adda ta'ee dhaa? Ibsa kanaa akka ragaa Kakuu Haaraatti fudhachuu dandeenya, kunnis tajaajillii hundumtuu akka hundaa'aan yookaan bakka kanatti rakkina turan akkamitti akka qabaman fakkeenya kan argisiisuu?

**14:31 "Hundumtii keessan warafaadhaan raajuu dandeesu**" gaaleen kun akkamitti akkuma jirutti fudhatamaa? Phaawulos qindaa'uma cimsaa jiraa yookaas eenyuu iyyuu yookaan amanaan hundumtuu waaqennaa wal fakkaatuun tajaajila akka dubbatuf kan dandeensisuu carraa in dangoofnee? Tokkummaa waaqeffannaa durittii daangaa yeroo tokkoo illee in turee? Kunni ibsa barreefamaa fakkeenya tokkoo dha ibsa akkuma jirutti utuu in ta'in. haala qabiyyee barreefamaatiin Phaawulos birmadummaa isaanii dangeessaa jira, birmadummaa isaanii bal'isuu utuu hin a'in!

Ta'us "hundumtuu" jechi jedhuu dhugumatti kan inni argisiisuu dubartootaas ta'ee dhiiroota raajuu danda'uu isaaniti (11:5). Amanaan hundumtuu, dhiiras ta'ee dubartii, abbaa kennaatti faayidaa wali galaatiif (12:7, 14:26). Kunnis lakk.34 ibsuudhaaf fedha dabalataa itti dabala.

▣ **"Kanaafis hundumtuu akka barataniif hundumtuu akka gorfaman"** kun gaalee kaayyoo (jechuun, hina) yaada Phaawulos isa gudda argisiisa, hundumtuu dubbachuu danda'uu utuu hin ta'in, hundumtuu akka ijaaraman, akka qulqulla'aan, fi akka bilchaataan! Kun kan boqonnaa kanaa kan yeroo qabatamaati.

**14:32**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | |
| **NRSV** | **"Hafuurrii raajoota raajootaf in aboomama"** |
| **TEV** | **Ergaan Waaqayyoo ayyanni labsuu to'aannaa isa dubbatu jala ta'uu qaba"** |
| **NJB** | **"Hafuurrii raajoota to'annaa raajicha jala jira"** |

Hiiki kunni fillannoo gaalee kanaa hubachuun karaa danda'amuun karaa adda addaa lama argisiisa.

1. Ergaa Waaqayyoo kan labsan isaan ajajamoodha (jechuun, amma kan hojii irra oolee kan argisiisuu kan biraatiif ergaa Waaqayyoo kan labsan (jechuun, raajonni raajoota qoru lakk.29).
2. Ergaa Waaqayyoo kan lbsuu inni mataa isaa bituu qaba (jechuun, kan ammaa giddu galleessa kan argisiisuu) yoomii fi maal akka jedhu irratti (lakk.30).

"Hafuura" jechi jedhuu fayyadama irra kan oole akka lakk.2 14, 15 (al lama), 16 karaa wal fakkatuuni dha. Innis karaa dubbii haalaati, eenyummaan nama dhuunfaa tokkoo yeroo waaqessinutti (2:11, 5:3-4, 7:34, 16:18). "Bitamuu" kan jedhuu yaadannoon 16:16 irratti fi mata duree addaa 2 Qoro 9:13 irratti ilaali.

**14:33**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Waaqayyoo waaqa jeeqaa mitii hook an nagaati male'** |
| **NKJV** | **"WAaqayyoo argama jeequmsaa miti hook an nagaati male"** |
| **NRSV, NJB** | **"Waaqayyoo Waaqa walin dha'aama miti kan nagaati malee"** |
| **TEV** | **"Waaqayyoo nu wali gadi dha'amuu keessa akka jiraannu in barbaadu haa ta'uu malee tokkuummaa fi nagaa keessa malee"** |

Kunni uumama in argisiisu. Seerri kunni faallaan isaa jeeqamsa miti, haa ta'uu malee jeequmsa garee yookaan anummaa faallaa isaa nagaa dha malee. Kun kan jaarraa tokkoo waqeeffannaa amala damaqaa baleessuudhaaf miti (lakk.39-40), haa ta'uu malee hinaafaan, kennaa warra tokko tokkoo kan qaban warri dubbatan haala dhuunfumaatti (2 Qoro 6:5, 12:20, Yaaqoob 3:16 lamanuu, tooftaa waaqeffannaa keenyaatii fi haala gartokkootti jechuuti in waaqeesina kan jennuu Waaqayyoo in callaqisiifna (11:17-34).

▣ **"qulqulluu waldaa kiristaanaa hundumaatti akkasuma"** gaaleen kun lakk.33A (NASB, NKJV) wajjin kan adeeman dhugummaa isaa hin jiru yookaan lakk.34 wajjin (NRSV, TEV, NJB). Sababi isaa "Waldaan kiristaanaa" gaaleen jedhuu lakk.33B irrati waan irra deebi'uf, innis tarii 33B mallattoo guduunfaa kan qaruu ta'a, 4:17 fi 7:17 irratti akka godhe. Gaaleen kun ifatti kan inni teesisuu amantoonni waldaa kiristanaa Qorontos hundumtuu kan adda ta'an, kan caalaan yookaan kennaa addaa kan qaban akka hin taanee dha (4:17, 7:17, 11:16, 14:33, 36, 16:1). Mata duree addaa qulqulloota 1 Qoro 1:2.

## 1Qorrontoos 14:34-36

**[34]Dubartoonni walga'ii waldoota kiristaanaa keessatti hin dubbatin. Dubbachuun isaaniif hin ta'u; akkuma seerri jedhutti haa abboomaman*. [35]Wanti isaan baruu barbaadan yoo jiraate garuu, mamatti abbaa manaa isaanii haa gaafatan, dubartiin walga'ii waldaa kiristaanaa keessatti dubbachuun isheedhaaf yeelloo dha. [36]attam inni? Dubbiin Waaqayyoo isin biraa ba'eemoo? Yookiis isuma duwwaa birra ga'aaree?**

**14:34 "Dubartoonni waldaa kiristaanatti cal haa jedhan"** lakk.kunni isa guddaa dhimma xin-waaqummaa ta'eera, kutaan waldaa kiristaanaa ammayyaa tokko tokkoo. Warri lixaa gamtaa ammaayyaa, gar tokkootti jechuu aadaa, mirga dhuunfaa fi wal qixummaa, Kakuu Haaraa fi keessumatti Phaawulosin dhimma kana irratti kan murtii fi alta'aa godheera. Bra Phaawulositti barumsi Waaqayyummaa isaa, dubartootaa wajjin kan wal qabatee bifa hundee ta'eeni sirri ture (Efe 5:22-23). Phaawulosi ifatti dubartoota baay'ee wajjin hojjeera, gargaartoota isaati wajjin Roomee 16 irratti barreefamni jiru akka argisiisutti. Mata duree addaa dubartootni macaafa qulqulluu keessatti 7:5 irratti ilaali.

Qabiyyee barreefama kanaatiin illee, Phaawulos madaallii isaa teesiseera, 11:5 faallaan isaa 14:34. Yoo ta'ees lakk.34-35tti bifa adda ta'eni Qorontosi fi kan jaarraa tokkoo wajjin adeema. Wixeen yaada isaa baayee dha (itti fufee kan jiruu mata duree addaa ilaali)! Bara keenya wajjin akkamitti akka inni adeemuu rakkina qaba. Safatuun isaatii fi barreefama qulqulleessuun sirri miti, dhimma kana irratti dhuga baatiin macaafa qulqulluu waan karaa tokkoo miti yaada tokkos miti.

Phaawulosi namoota baay'ee waaqeffannaa Qorontos yoomii fi eessaa "cal akka jedhan" daangeesseera, lakk.28, 30, 34. Qorontositi waaqeffannaa wali wajjini irratti rakkootu ture. Dubartoonni kiristaanootaas qaama rakkiina sanaa turan kan isaanii Kiristosiin kan ta'ee birmadummaa haaraan (yookaan hawaassii Roomee qaama sochii birmadummaa dubartootaa ta'us) kan aadaa, xin-waaqummaa , fi abbaan wangeelaa rakkina uumameera. Bara keenyatti dhugaan isaa faallaa ta'a. kennaa kan qaban geggeesitootni dubartootaa waldaa kiristaanaa jaarraa 21 addunyaa wangeellii akka ga'uu gargaara. Kunnis Waaqayyoo kan kennee uumama duraa boodaa in balleessuu, haa ta'uu malee dursa wangeellaa argisiisuu malee (9:22). Dhimmii kun wangeela yookaan doktiriinii miti.

### Mata duree addaa: Kan Phaawulos tajaajila keessatti fayyadama dubartoota

Dubartootni hundumtuu Roomee 16kan jiran isaanios wangeelaan Phaawulosi wajjin hidhata hojii kan ta'an hubadhu (Filli 4:3) Foobee lakk.1 Dhirsiqilaa lakk.3, Maarihaam lakk.6, Juniyaa (yookaan Juniyaas/akkas yoo ta'ee dhiira ture) lakk.7 Tirifaaniyaa fi Tirifoosaa lakk.12 Phirsiis lakk.12 "haadha isaa" lakk.13 Juuliyaa lakk.15, fi "obbolleeti isaa" lakk.15. Tajaajila dubartootaati naannoo kanatti safartuu ta'uu irraa of eegadhuu. Amantoonni hundumtuu abbaa kennaati (1 Qoro 12:7, 11), amantoonni hundumtuu tajaajiloota yeroo guutuutti (Efe 4:14). Tajaajila kana keessatti dubartiin gargartuun jirti, Foobee, akkasumas yaada keessa kan galtuu ergamtuu dubartii, Juuniyaa (Iyu'eel 2:28, Hoji.erg. 2:16-21). Haala macaafa qulqulluuttiin dhimma kana akkamitti qabachuun akka danda'amuu rakkiisaa dha, sababni isaa ayaahoota (Paaradooksi) kan fakkaatan ibsa Phaawulos irraa kan ka'ee, akka 1 Qoro 11:4-5 akka jiran 14:34 wajjin wal bukkee qabuudhaan.

### Mata duree addaa: "Dubartootni cal akka jedhan" kan jedhuu wajjin yaad-rimee wal qabatan

I. Kunni ibsa Phaawulos irraa ta'ee miti, booda kan itti dabalamee malee (Gorden Fee, New International Commentery, (ibsa haaraa adduunyaalleessa) "1 Qoro" fuula 699-708) yeroo baay'ee kan inni irratti hundaa'uu barreeefama Girikii irratti (jechuun, MSS, D, F, G; tokkoo MS kan Vilget, Latin Church Other Anbrosiaster) kan Laatinii abbaa waldaa kiristaanaa Abrosi'aster, bara 384 booda) innis lakk.33-34 lakk.40 booda kaa'aa.

II. Phaawulos waldaatti kiristaanaa irraa xalayaa in heera, innis garee qoqodootaa yaada dogogoraa kan ibsu. Phaawulos isa kan heeru fooyessuudhaaf ta'us, kun ibsa dheeratee dha (jechuun, lakk.33-35 yookaan 36) Phaawulos irraa isa duraa "dhaadannoo" wajjin wal in simu. Inni ibsa salphaa miti, Phaawulosiin kan fooya'ee, haa ta'uu malee falmii cimee dha.

III. Phaawulos rakkoo innii heeraa jiru garee dubartootaa yeroo ta'uu, isaanis tajaajila waaqeffannaa al tokkoo afaan hin beekamnen, raajiidhaan, gaafiidhaan gargar kutuu isaaniti. Kan isaanii Kristoosiin

birmadummaa haaraa argachuun gammachuun isa, rakkoo aadaa abbaa wangeelaatii fi waaqeffannaa irratti akka uuman godheera.

IV. Phaawulos dubartoota daangeseera, raajuu wali wajjini qofa utuu in ta'in, haa ta'uu malee raajoota biraas akka isaan in qoree (jechuun, raajii dhiiraa) ergawwaan, ta'ees isaan irratti taayitaa akka qabaatu (James Hurley Men and wumen in biblical Perspestive, (dhirootaa fi dubartoota yaada macaafa qulqulluuttiin )fuula 185-194 fi Wayne Grudem, the Gift of Prophecy in 1Corinthians, (kennaan raajii I Qorontos) fuula 239-255)

V. Phaawulos waa'ee haaloota adda addaa ibsa, 11:5 fi 14:34 irratti.

a. Inni tokkoo kan waldaa kiristaanaati (jechuun 11:5) fi inni tokkoo waldaa kiristaanaa tokkummaa (jechuun 14:34)
b. 11:5 kan inni ilaalatu dubartoota hin heeruminidha akkasumas 14:36 dubartoota heerumani dha
c. Dubartootni tokko tokkoo kan in bittamiin yookaan baay'ee kan haasaa guddisanii dha.

Garagarummaa hiikaa lakk.kan argisiisuu hiikoota ammayyaa sirritti beekuu dhiisuu dha, shaakala waaqeffannaa Qoro jiruu wajjin kan wal qabatee fi akkasumas kan jaarraa tokkoo gamtaa amantoota kiristaanaa dabalate. Rakkinichi kan turee

1. Kan hoosiftuu (jechuun, keessumatti kan Qorontos)
2. Kan jaarraa tokkoo aadaa Roomee
3. Walin dha'amuu kennaa ayyaannaa
4. Yaalii oolaantummaa dubartootaa
5. Akkaataa dhibbaa hojechuu Yihudootaa yaaluu
6. Qorontosiin kan turan gareen ilaalcha dogogaa

▣

**NASB** **"Mataa isaanii akka bichisiisaa"**
**NKJV** **"Isaan akka bitamanii dha"**
**NRSV** **"Hirkataa ta'uu qabuu"**
**TEV** **"Ittii gaaffatamummaa ta'uun raawwatee irra in jiraatu"**
**NJB** **"Bitamuun qooda isaaniti"**

Kun xiyaafataa hojii irra ooluu ammaatti. "Bitamuu" ajaja loltuu ture, cancala Iizii kan ibsuu dha. Innis waa'ee Yesusii fi fayyadama irra ooleera (luqa 2:51 maatii isaa lafa irraa fi 1 Qoro 15:28 abbaa isaa Waaqa irraa) fi guutummaa waldaa kiristaanaatii fi dhugaa dha (Efe 5:21).

## Mata duree addaa: Bitamuu (*HUPOTASSŌ*)

Saptuwajeentiin jecha kana fayyadama irra kan inni oolchee jechoota Ibirootaa adda addaa kudhanitti hiikuudhaan. Kan isaa hiikii hundee qabeessii Kakuu Moofaa "ajajuu" ture yookaan "mirga ajajuu". Kunnis saptuwaajeectiidhan (LXX) ilaaleera.

1. Waaqayyoo in ajaja (Leew 10:1, Yonaa 2:1, 4;6-8)
2. Muse ajajeera (Ba'uu 36:6, Keessadeebii 27:1)
3. Moototi in ajajuu (2 Seenaa 31:13)

Kakuu haara irraatti miirii kun itti fufeera akka Hoj.erg. 10:48, innis ergamaa akka aboomee ta'us, hiiki haaraan Kakuu Haaraatti guddachaa dhufaniiru.

1. Bifi feedhidhaan guddachaa dhufeera (yeroo hundumaa sagallee gidduu galleessaa)
2. Gocha mataa ofii daangeessuu Yesusiin ilaamuu danda'aa abbaf aboomamuudhaan (luqa 2:51)
3. Amantootni bifa aadaatii fi in bitamuu, waan ta'eef wangeelli jibbaan akka in midhamneef.
   a. Amantiitni biraan (Efe 5:21)
   b. Haadha manoota amanoo (Qolaa 3:18, Efe 5:22-24, Titoo 2:5, 1 Pheexi 3:1)
   c. Waaqeffataa waaqa tolfamaa kan ta'aan mootummoota amantoota (Roome 13:1-7, 1 Pheexi 2:13).

Amantootni hojii irra kan oolchan tajaajalan, Waaqayyoof, Kristoosiif, mootummaa Waaqayyootiif,

faayida warra birootiif kan ta'uu yaada keessatti.

Akka *agapaō* (jaalala) waldaan kiristaanaa jecha kana hiika haaraadhaan, innis hawwii moototaatiif hawwii biraatiif hundeessuudhaaf guutamteetti. Jechi kun ulfina haaraa innis mataa ofii ganuu fudhata, innis ajaja irratti kan in hundoofne, haa ta'uu malee walitti dhufeenya haaraa irratti mataa isaa kan kennee Waaqayyoo fi Masihi. Amantoonni aboomamuu fi mataa isaanii bichisiisuutu irra jiraata, hundumaafi gaarummaa fi eebba maatii Waaqayyootiif jechuuf

▣ **"Seerris immoo akka jedhutti"** Phaawulos heeraa kan jiru barreefama adda ta'ee dha yookaas geggeessuu wali gala? Kanas kan jedhuu barreefamni Kakuu Moofaa tokkoo illee in jiru. Ta'uu kan qabuu 11:8-9 argisiisuu irraa kan ka'ee Seera uumama 2:20-24 waabii ta'a (1 Ximoo 2:13). Tokko tokkoo akka isaan itti yaadan bu'aa kufaatti akka ta'ee dha, akkasumas Uumama 3:16 waabii dha. Akkasumas immoo haala qabiyyee barreefamichaatiin ta'uu kan qabu "bitamuu" kan inni adeemuu lakk.32 irratti jecha jiru fayyadama, achitis raajoota biraatiif bitamuu heeruudhaaf (Hard Saying of the Bible, jecha cimaa macaafa qulqulluu) fuulaa 616).
Barreefamni Phaawulos "seera" jecha jedhuu fayyadama kan ilaalate jijjiiramni jira. Yeroo baay'ee innii kan heeruu seera Museeti, Kakuu Moofaan, haa ta'uu malee al tokko tokkoo inni kan inni argisiisuu wali gala yaad-rimee seeraatti. Inni asitti dhugaa yoo ta'ee egaa inni kan argisiisuu abbummaa isaan kanaa "dhiroonii dursa" aadaan wali gala safartuuti.

Dubartootni itti waamama akka ta'an yoo hiyamee, fuulan illee yoo ta'ee dhimma Kristos miidhuu danda'a, jaarraa tokkootti addunyaan Girik-Roomaa. Karaa kanaan inni kan fakkaatuu Kakuu Haaraan akkam godhee dhimma garbummaa akka qabuu dha. Lakk.21 irratti yaadannoo jiru ilaali, gaalee kanaaf hubannoo adda addaati.

**14:35** Gaaleen kun kan argisiisuu "dubartii" jechi jedhuu lakk.34 irratti kan inni argisiisuu "haadha manoota" dha. Kun dubartiin tokkoo dubbachuu danda'uu ishee argisiisaa? Kunnis qabatamaa kan hin taanee wal fakkaataa kan hin taanee boqonnaa 11 irratti jira.

Lakk.kun 1 Xiimoo 2:11-12 fi Tiitoo 2:5 wajjin adeema. Inni xin-waaqummaa yookaan kan aadaati 1 Xiimoo 2:13-14 irrattii? Innis seenaa yoomii fi eessaa adda ta'ee keessatti hidhameeraa yookaan innii aadaa hundumaaf, barooni wali gala dhugaatii? Dhugaan Macaafa Qulqulluu sagallee laman hasaa'aa (How to Read the Bible for all it's Worth by Gordon Fee fi Douglas stuart, (macaafa qulqulluu faayidaa isaa hundumaa wajjin akkamitti dubbisuun danda'aama). (Fuula 15, 63, 72, 74).

▣ **"Akka"** kun ramaddii tokkoo hima haalati haadhi manoonni kirastanoonni tokkummaa waaqeffannaa irratti Qorontosittii gaafii dhi'eessu turan. Walitti qaban waldaa kiristaanaa duraan dursee faarfatootaan, afaan haaraadhaan kan dubbaatan, afaan haaraa kan hiikaan fi raajoonni gargar kutamuu turan. Egaan warri fincilam haadha manoonni yookaan birmadummaa isaanitiin warri of tuullan haadhamanoonni jeeqamsa kana keessatti damaqinaan kan hiirmaatan turan.

▣ **"Haa gaafatan"** kun gocha xiyaafataa ammaati. Isaan dubartoonni kun kan isaanitti dubbatee eenyuun akka gaffatan yoomii fi maaliif akka gaafatanii dha! Gochi isaanii bu'aa waaqeeffannaa tokkummaa miidheera.
Adarakee Walter C. Kaiser's understaunding (hubannaa) lakk.34-36, lakk.21 irrati dubbisaa, keeyata lama.

**14:36** kun gaaffii ciggoo dha, of jajoota waldaa kiristaanaa Qorontos naasisuudhaaf, gara dhugaa hafuuraatii fi kan biroo gamtaa amantoota wajjin kan isaan qabaataan bakka isaani. Kun boca seer-lugaa kan qabu gaaffii lama lakk.36 "miti" deebii jedhuu eegaa.

## I Qorontos 14:37-38

**[37]Namni tokko, nama Waaqayyo isatti mul'ise himuu yookiis nama kennaa hafuuraa argate yoo of se'e, wanti ani isiniis caafu kun abboommii osa kan gooftichaa ta'uu isaa haa beeku*! [38]Namni yoo kana beekee fudhachuu dhaabaate garuu, inni ofii isaatii hin beekamu.**

**14:37-38** Phaawulosi cimsaa kan jiru, sirritti kennaa hafuuraa kan qaban isaan, kan dubbataanii fi Waaqayyoo biraa kennaa kan qaban beekamtii lachuufitu irra jiraata (lakk.32, Maati 11:15, 13:9, 15, 16, 43). Ibsi Phaawulosi kunnis geggeesummaa kan ilaalate miira isaa 7:40 fi 14:38 irratti mul'ateera. Phaawulosi kennaa ergamummaa fi waa'ee Yesus dubbachuu taayitaa inni qabu beekamtii argateera. Ergmummaan isaa Qorontosiin kan jiran tokko tokkoo biratti gaaffii kaaseera, itti qoramaniiruus.

Lakk.38 kan inni argisiisuu abarsaa Waaqummaati (hojii irra kan oolee kan ammaa argisiisuu dha) isaaniif jechuun taayitaa ergamummaa warra hin fudhanneef (Wayne Goruden, the gift of Prophec in 1Corinthians (kennaa raajii 1 Qoro) fuula 52 yaadannoo miila jalaa lakk. 104).

▣ **"Akka…akka"** isaan lamaan kun ramaddii tokkoo hima haalaati, isaanis yaada barreesichaa yookaan haala faayidaa barreefama isaa irraa sirridha jedhamee kan yaadamu. Tokko tokkoo Qorontossitti "kan yaadaani" isaan "kan hafuuraa" akka ta'aani dha (jechuun pneumatikos, 12:1), haa ta'uu malee gochi isaanitti fi taayitaa ergamummaa wajjin walitti isaan qabaachaa turan (jechuun, aboon Phaawulos) akka hin taanee argisiisa. Taayitaa Phaawulosi fi beekamtii amma in laanneetti mata isaani amma in bichisfeenetis akka geggeessaa hafuuraatti beekamtii hin argaan.

**14:38**
**NASB** **"Beekamtii hin argatuu"**
**NKJV** **"Hin beekamiin"**
**NRSV** **"Beekamtii kan hin arganne haa ta'uu"**
**TEV** **"Waa'ee isaatiifi in dirqisifamiin"**
**NJB** **"Namn sun mataan isaa beekamtii hin argatu"**

Yeroo gochamichaatti barreefamni Girikii garagarummaa qabu, amma hojii irra kan oole kan argisiisuu (MSS a*, A*) fi gocha ammaa kan xiyaafatu (MSS $P^{46}$, $a^{2}$, $A^{c}$, B, $D^{2}$) giddutti. Keeyata hojii irra oolee kan inni argisiisuu "Waaqayyoon akka dhiifamee" yookaan beekamti akka in argannee dha. Ajaji xiyaafattoon amantootni Qorontosin jiran, taayitaa Phaawulos nama hin fudhannee akka in fudhannee dha, yookaan taayiitaan Phaawulos bakka bu'aadhaan kan kennamee itti waamamaa isaatii fi bakka bu'aa isaa, Xiimotohos. $UBS^{4}$ kan argisiisuu fi "B" sadarkaa kenna (guutummaa guututti utuu in ta'iin sirridha).

## I Qorontos 14:39

**39 Egaa yaa obboloota ko, waan Waqayyo isinitti mul'ise himuudhaaf dhama'aa! Afaan hin beekamneen dubbachuus hin dhowimaa!**

**14:339 "Cimsaa barbaadaa"** kun jecha Phaawulos fedha cimaa dha (12:31, 14:1). TEV "laphee keessan itti boqochiisaa" kan jedhu qaba. Phaawulosi fi aadaa yoomii fi eessaa kanatti fedha isaa kan argisisuu wangeela labsuu/qooduu dha, amantootaafis ta'ee kan in amaniniif. Kana Seera lakk. 29:11 wajjin wal bira qabaa.

Innis kan fakkaatu kan Phaawulos bantuun ibsaa 4:1 irratti yeroo ta'uu, ibsi wali gala immoo lakk. 39 irratti dha. Jechi Girikii oste, xiyaafaataa hordofee ergamummaa walitti qabaa karaa ibsaa ta'aa (10:12, 11:33, 14:39, 15:58, Filli 2:12, 1 Teso 4:18).

▣ **"Afaan hin beekamneen dubbachuu in dhorkinaa"** kun madaallii barbaachiisaa ta'ee dha Qorontosiifif rakkoo ammaatifiis. Nuyis akkuma gartokkootti jechuu keenyaatti gura guddifna, waa'ee waan hafuuraa. Karaan dhugaa kara hundumaatiin boola dogogoraa qaba (jechuun, tokkoon tokkoon afaan hin beekamneen kan dubbatuu faallaa isaa eenyu iyyuu afaan hin beekamneen kan hin dubbatin)!

▣
**NASB** **"Akka ta'uuf haala seeraan"**
**NKJV, NRSV** **"amala qabeessuummaa fi seeraan"**
**TEV** **"Akka ta'uu fi karaa seera qabeessaan"**
**NJB** **"Akka ta'uu fi bifa seera qabeessaa"**

Jechi jalqabaa wal makaa dha "Gaarii" (iyyuu) kan jedhuu dabal gochamaa fi "bifa yookaan "boca" kan jedhuu maqaa (Roome 13;13, 1 Teso 4:12).

Jechi laman hiikii isaa "karaa sirriidhaan ijaaruu, seera qabachiisa" (Qolaa 2:5). Gaaleen kun lakk. 33 wal cina godha. Innis kan inni godhuu seera dura ta'en miti (jechuun, yaadannoo isaa to'achuu), haa ta'uu malee kaayyoon waaqeffannaa tokko tokkoo, abbaa wangeelaa fi duuka buutuu dha (Maati 28:19-20).

Kunni kan Phaawulos ibsa guduunfaati, dhimma mata duree waaqeffannaa tokkummaa irratti, innis boqonnaa 11 jalqabee kan jalqabu.

## Gaaffii maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Kennaa hafuuraa murteessuu fi safartuu sadan maal faa'ii
   a.
   b.
   c.
2. Boqonnaa kana keessati afaanni haaraan raajiii irraa kan isaan gadi bu'aniif maaliif? Afaanni haaraani kennaa hafuuraa gadi bu'aa dhaa?
3. Sammuu afaan haaraa wajjin akkamittin adeemaa?
4. Lakk.22 rakkoo inni qabu maanii?
5. Waldaan kiristaanaa Qorontos waldaa kiristaanaa hundumaatiif qajeelfama ta'uudhaan tajajiluu danda'aa?
6. Dubartoonni waldaaa kiristaanatti cal jechuu qabuu? Deebii kee 11:5 fi 14:34 wajjin wal bira qabi.

# I Qorontos 15

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Du'aa kaafamuu Kiristoos | Isa kaafame Kiiristoos: Dugummaa amantii | Wangeela du'uu fi du'aa ka'uu Kiiristoos | Du'aa kaafamuu Kiristoos | Du'aa kaafamuun dhugaa ta'uu isaa |
| 15:1-11 | 15:1-11 | 15:1-11 | 15:1-2<br>15:3-7<br>15:8-11 | 15:1-8 |
| Du'aa kaafamuu warra du'anii | Isa ka'e Kiriistoos abdii keenya | Nuuf barbaachisummaa du'aa kaafamuu | Du'aa kaafamuu keenya | 15:9-11 |
| 15:12-19 | 15:12-19 | 15:12-19 | 15:12-19 | 15:12-19 |
| 15:20-28 | Ddiinni inni xumuraa ni barbadaa'e | 15:20-28 | 15:20-28 | 15:20-28 |
| 15:29-34 | 15:20-28 | 15:29-34 | 15:29-32 | 15:29-34 |
| | | | 15:33-34 | |
| Dhagna du'a kaafamuu | Bu'aa du'aa kaafamuu ganuu | Akkaataa du'aa kaafamuun ta'e | Dhagna du'aa kaafamuu | Haala du'aa kaafamuun itti ta'u |
| 15:35-41 | 15:29-34 | 15:35-41 | 15:35-38 | 15:35-38<br>15:39-44υ |
| 15:42-49 | Dhagna ulfina qabeessa | | 15:39 | 15:44b -49 |
| | 15:35-49 | 15:42-49 | 15:40-41 | 15:50-53 |
| | | 15:50-57 | 15:42-49 | Moo'icha isa xumuraa faarsaa galataa |
| | Moo'icha keenya isa xumuraa | | 15:50 | |
| | | | 15:51-57 | 15:54-57 |
| 15:50-58 | 15:50-58 | 15:58 | 15:58 | 15:58 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Qabiyyee barreefama

A. Qabiyyee barreefamichaa irraa ifa kan ta'ee, Phaawulos naannuummaa munaafaqa cimaa mormuu isaati, kunnis du'aa ka'uu warra du'ani kan ganan (isattis Yihudoonni baay'een kan wali galan). Yaadi ka'umsaa yaada wixinnee baay'ee ba'eera.
   1. Jalqabi Ginostikii (galmee jechoota ilaali) yaadoota isaanis Mintaaweetti cimsa kan laatan Hafuuraa fi (jechuun, Waaqayyoo, innis gaarii kan ta'ee) qaama qabatamuu giddutti (jechuun, wantoota qabataman isaaniis hamaa kan ta'an).
   2. Du'aa ka'uun kanaan dura ta'eera jechuun kan cimsan (2Xim 2:17-18).

B. Kunni keeyata mirkanaa'ee dha, Kakuu Haaraatti, waa'ee du'aa ka'uu Kristoosii fi du'aa ka'uu amantootaa. Dirqamatti yaadamuun kan irra jiraatu keeyati kun tarii kan barreefamee wangeelli kam iyyuu utuu in barreefamiin dura.

C. Kan Phaawulos kan tiksummaa cimsa, kunni boqonnaa Doktrinnii kan geessisu lakk. 58 irratti dha. Kunnis 1 Teso 4:18 wajjin wal fakkaataa dha. Phaawulos yeroo baay'ee Doktrinnii gara jireenya guyyaa guyyaatii fi tajaajilaa fida. Dhugaa tooftaa jireenyaa ibsa!

D. Innis kan boqonnaa dheeraa kanaa timsa wali galaa ilaaluuf gargaara. Dr. David King Bahaa taksaasi University Paapist kutaa barumsa isaa yaadannoo ija gaarii baafata yaadaa qaba "IV. Kan guddatani kiristaanonnii bilchaatoon du'aa ka'uu kan ilaalatee hubannoo amantaa qabaachuun barbaachiisa dha (15:1-58).
   1. Seensa (15:1-11)
      a. Wageelli mataan isaa cminaan kan hundaa'ee du'aa ka'uu Yesus irratti (15:1-8)
         (1) Hundeen dhugaa wangeelaa (Kerygma) kan inni xiyaafatu du'a Yesus, awalamuu fi du'aa ka'uu irrati (15:3-4)
         (2) Du'aa ka'uu Yesus booda bifi turan kan mirkaneessan, shakkii tokko malee Yesus du'aa ka'uu isaati (15:5-7)
         (3) Phaawulos ayyaanna Waaqayyoo in guddisa, innii du'aa ka'uu Yesus kan dhugaa ba'aan giddutti akka ta'uu waan hiyameef (15:8-11).
   2. Hundeen doktirinii du'aa ka'uu du'aa ka'uu Yesusiti (15:12-34).
      a. Tokko tokkoo inni du'aa in kaane jedhuu. Yaadi wali gala isaa maalii (15:12-19)?
         (1) Lalabi keenya akkasumaan (15:12-14)
         (2) Amantiin keenya akkasumaan (15:14fi 17)
         (3) Nus dhugaa Waaqayyoo irratti dhuga baatii sobduu taaneera (15:15)
         (4) Amma iyyuu ganaa cubbuu keessaniin jirtu (15:17)
         (5) Amanani kan du'an isaan bara baraan badaniiru (15:18)
         (6) Amantootni hundumtuu kan nama gadisiisaanidha (15:19)
      b. Haa ta'uu male Kristoos duratis (ammas taanan jira)! Du'aa ka'eera! Yaadi walii gala kanaa maalii ree (15:20-34)?
         (1) Inni angafa kan yeroo haamaa dhufuu ti (15:20)
         (2) Kristos, namichii, du'a mo'eera, innis nama duraatiin, adaamiin gara biyya lafaa kanaa kan dhufee (15:21-22, Roomee 5:12-21).
         (3) Du'aa ka'uun isaa gara rmaddii lamaatti qoodameera, du'aa ka'uu Yesusii fi du'aa ka'uu namootaa biroo (15:23)
         (4) Du'ii du'aa ka'uudhaan mo'ama akkasumas <u>hundumtuu</u> Waaqayyoof bitama, uumaa hundumaatiif (15:24-28)
         (5) Amantootni amantiin cuuphamaniiru, du'aa ka'uu hafuuraa ta'es foonii amanani (15:29)
         (6) Balaa hundumaa sodaa malee ittin qabna, yoo duunee deebinnee <u>jirraana</u> akkasumas akka hojii keenyaatti nutti murtaa'aa (wali galli isaa) kanaafis akkamitti akka jiraaanu of eegachuutu nurra jira (15:32-34).
   3. Amantootni du'aa ka'uu doktirinii sababa. Phaawulos gaafiii tokko tokkoofi deebii laateera (15:35-57)
      a. Warri du'an akkamitti du'aa ka'uu? Deebii humna Waaqayyootiin, Waaqayyoo ija mukaa yoo facaase akka biqilchuu (15:35-38)
      b. Isaan qaama akkamii qabaatuu? Deebii qaama adda ta'ee innis jireenya adda ta'ee fi mijataa kan ta'ee, bara baraan kan jiraatuu (15:39-41).
         (1) Waaqayyoo qaama adda addaa jireenya biyya lafaa kana irratti uumeera (15:39-41)

(2) Qaami du’aa ka’uu qaama haaraa dha (15:42-44)
Wanti baduu isa in badneen bakka bu’a
Bakka isa salphatee kan kabajamuu
Bakka isa dadhabaa isa jabaa
Kan horii (kan foonii)
Kan caaluu kan hafuuraa

(3) Uumami qaama du’aa ka’uu qaama uumamaa wajjin wal bira qabameera, innis Phaawulos Addaamii fi Kristoos gidduu wal bira qabamuu jiru akka argisiisuuf kan qajeelchee (15:45-49, Roomee 5:12-21).

c. Kun hundumtuu yoom ta’aa? Deebii Yesus lama yeroo dhufuu (15:50-57)
(1) Jijjiramni hundumaaf barbaachiisaa dha (15:30)
(2) Hundumti keenya libsu ijaatti in jijjiiramna (15:51-52, 1 Teso 4:14-17)
(3) Innis kan ta’uu malakati Waaqayyoo yeroo hafuuffamuu dha (15:52, 1 Teso 4:14)
(4) Jijjiiramichi yeroo adeemsifamuu du’a irratti mo’iichii guutuun nuuf ta’a Yesus Krostosiin (15:53-57)

4. Guduunfaa dooktiriinii kanatti amanuun bu’aan isaa tajaajilatti amanamaa ta’uu fida, sababii isaa tajaajillii keenya akkasumaan akka hin taanee waan hubannuuf (15:58)”

## Qayyabbannaa jechaa fi gaalee

**I Qorontos 15:1-2**

**[1]Ammas yaa onbboloota ko! Wangeela isa ani isinitti lallabe, isa isin fudhattan, isa isin itti cimtanii dhaabattanii jirtan isa isin nan barsiisa*. [2]Sababni amantaniif utuu hin beekiin fudhattan yoo ta’ee malee.a ani isinitti lallabetti yoo eeggattan wangeelichumaan in fayyitu.**

**15:1**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Ammas isinin yaadachiisa”** |
| **NKJV** | **“Kanaa olitis isisnin beeksiisa”** |
| **NRSV** | **“Ammas isisnin yaadachisa”** |
| **TEV** | **“Ammas isin yaadachiisuu nan jaalladha”** |
| **NJB** | **“Isiniif ifa gochuu nan jaalladha”** |

Phaawulos ergicha kan inni tumsee waldaan kiristaanaa Qorontos naannoo gaafii baay’ee ergiteef irratti (7:1, 25, 8:1, 12:1, 16:1) “Ammas kan ilaalate” gaalee jedhuu (jechuun, *peri de*) boqonnaa 15 kan jalqabuu *de* dhaan. Ibsi kun, du’aa ka’uu kan ilaalatee waldattiin kirisstaanaa kan gaaffate in ta’u, haa ta’uu malee Phaawulos kan hubatee akkasumas hubachiiisuudhaaf kan barbaaduu haalaa ta’aa?

Kun gocha ammaa kan argisiisuu dha, *gnōrizō*,innis hiiki isaa akka beekamuu gochuu mul’isuu, yookaan labsuu kan ta’ee. Ta’ees Phaawulos ragaa haaraa in laanne (12:3) haa ta’uu malee guduunfaan doktiriinii, innis duraan dursee isaaniif kan inni labsee Wangeelaa bifa qabachiisuudhaan.

**MATA DUREE ADDAA: KERIYGMAA BARSIISA WAA’EE MANA AMANTAA DURII**

A. Abdii Waaqayyoon Macaafa Qulqulluu Kakuu Haarawaa keessatti godhame deebi’ee dhufuu Yesuus masiihicha/isa dibameen amma raawwachaa jira (Hojii Ergamootaa 2:30; 3:19-24; 10:43; 26:6-7,22; Roomee 1:2-4; 1Tim 3:16; Hib 1:1-2; Phex. 1:18-19
B. Yesuus Waaqayyo abbaadhaan guyyaa cuuphaa isaa dibatan dibame. Kunis akka diamee tureedha. (HoE10:38)
C. Yesuus tajaajila hojii barsiisuu isa erga cuuphamee booda Galiilaatti eegale. (Hojii Ergamoota 10:37)
D. Tajaajila isaa wanta dinqii guddaa gochuu fi wanta gaggaarii raawwachuun beekama. Kunis aangoo Waaqa irraa kennameen fayyadameeeti. (Maarqoos 10:45; Hojii Ergamootaa 22:22; 10:38
E. Masihichi kaayyoo Waaqaa kan jireenya bara baraa bakkaan gahutti fannifame (Maarqoos 10:45; Yohaannis 3:16; Hojii Ergamootaa 2:23; 3:13-15, 18:4:11; 10:39,26:23; Roomee 8:34; Qor isa duraa 1:17-18; 15:3; Gal. 1:4; Hib. 1:3; 1Phexiroos 1:2,19; 3:18; 1Yohaannis 4:10
F. Innis guyyaa 3tti du’aa ka’e barattoota isaatti mul’ate (Hojii Ergamootaa 2:4; 31:32; 3:15,26; 10:40-41;

17:31; 26:23; Roomee 8:34; 10:9; 1Qor 15:4-7,12ff, 1Tasalonqee 1:10; 1Tim. 3:16; Pheex. 1:2; 3:18,21)

G. Yesuus Waaqayyo abbaan jajame maqaan isaa "gooftaa jedhamu kennameef (HoE 2:25-29; 33-36; 3:13; 10:36; Roomee 8:34; 10:9 1Xim 3:16; Hib 1:3; 1Phex 3:22)

H. Hawaasa Waaqayyo abbaa uumuuf hafuura qulqulluu Waaqayyo abbaa irraa kennameef (HoE 1:8; 2:14-18; 38:39; 10:44-47; 1Pex. 1:12)

I. Innis murtii kennuu fi wantoota uumama hundaa haareessuuf lammata deebi'ee ni dhufa (HoE 3:20-21, 10:42; 17:31; 1Qor 15:20-28 Tasaloonqee boqonnaa 1:10)

J. Kanneen ergaa isaa dhaga'anii hundi kan godhuu qaban cubbuu isaaniif dhiifama kadhachuufi cuuphamuutu irra jira (Hojii Ergamoota 2:21,38; 3:19; 10:9; 1Phex. 3:21)

Wixineen kun kan gargaaru barbaachisummaa labii waldaa kan duriif barbaachisa. Haa ta'u iyyuu malee barreessitoonni macaafa garga garaa tarii wanta dhiisan qabaachuu danda'u ykn wangeelli Maarqoos garri caalu haala gochaa Pheexiroos kan barsiise hordofa. Maarqoos karaa aadaan akka ilaalameetti lallaba Phaawuloos walitti gurmeessaa wangeelaatti jijjiiruuni. Maatiwoosii fi Luqaas lameenuu sirna caasaa hundee qabeessa kan Maarqoos hordofu.

▣ **"Obboloota Phaawulos jecha kana yeroo baay'ee fayyadamee,** dhimma mata duree isaatti bifa haaraa argisiisuudhaaf yookaan mata duree isaa jijiiruuf, asitti akka godhee hundumaa (1:10, 2:1, 3:1, 4:6, 8:12, 10:1, 11:33, 12:1, 14:6, 20, 26, 15:1, 58, 16:12, 15).

▣ **"Wageela"** Phaawulos "kan wangeelaa" yaad-rimee "jecha lallabeef" wajjin wal can godheera (lakk.2). Akka yaada Ibirootaati jechi Waaqummaa humna qaba (Uumama 1:3, 6, 9, 11, 14, 20, 24, Faarf.33:6, 9, Isaa 55:11, Yohaa 1:1). Kun egaa Phaawulosiif lallaba dubbii haalaati, akkasumaan haasaa heeruu utuu in ta'in.

Isaan kun yaada kooti "wangeela" kan jedhuu ibsa koo, *Gospel According to Peter*, (wangeela Pheexiros) guca lama fuula 8 toora interneetii www.freebiblecommentary.org. irraa ilaali.

> "Maariqoos tarii wangeela dura caafamee ta'uu danda'aa, kun isa jalqabaa euangelion jecha jedhuu fayyadama (1:14, 15, 8:35, 10:29, 13:10, 14:19) barreessaa wangeelaa (fayyadama Phaawulos Galaa 2;2 fi 1 Tesoo 2:9tartiiba seenaa duraa boodaa isa duraa ta'a). Inni akkuma jirutti (oduu gaarii) yookaan "ergaa gaarii" dha. Kunnis ifatti kan inni callaqisiisuu Isaa 61:1 fi tarii immoo 40:9 fi 52:7 dha. Boca seer-lugaa hubachuun kan ndanda'aamuu (1) akka ergaa Yesusiin kennameeti (2)waa'ee Yesusiif ergaa ta'ee, lakk. lama tarii hiika sirrii ta'a. ta'us, Doctionary of Jesus and the Gospels (galmee jechoota wangeela Yesus) ivp kan maxanfamee "abbaa (kan) kan ta'uu tarii harkifataa fi abbaa dha, Yesus wangeela labseera, innis seena isaa labseera" jedha, (fuula 285) Jerome Biblical commentery akka jedhutti fauuadmni Maariqoof 'wangeela' jechi jedhuu Phaawulosi wajjin wal fakkaata, kunnis gocha labsii tokkoo yookaan qabiyyee isa labsamuuti".

▣ **"Isaas immoo isin kan fudhatan"** jechi kun Yihudootan fayydama irra kan oole "aadaadhaan kan darbee dha" (lakk.3, 11:23, 15:3, Maar7:4, Fillii 4:9, 1 Tesoo 4:10, 2 Teso 3:6). Phaawulos kan fudhatee dabarseera (jechuun, wangeela, lakk.3) Kristoos irraa (Galaatiyaa1:12, 16, Hoji.erg. 9:1-22, 22:3-16, 26:7-18). Phaawulos ergamaa ta'uu isaa fuuldura ormaa fi inni matan isaa wangeela kan fuudhu ture. Gochi kunni kan ammaa kan argisiisuu dha. Hammam illee nama hundumaaf cubbuudhaaf yoo du'ee illee, inni ifaa dha keeyata isaa irraafi kan biroo irraa (Yoha 1:12, 3:16, Room10:9-13) namni tokkoon tokkoon garuu dhuunfaa isatti kennaa bilisaa Waaqayyoo fudhachuutu irra jiraata (lakk.11) kan fayyinaa. Wangeellii kan of keessatti qabatuu (1)namni gammachuun fudhachuu isaa (2)waa'ee nama sanaa dhugaa amanuu isaa fi (3)waa'ee jireenya qulqullunaa nama sanaa.

▣ **"Isaanis immoo kan dhaabbatan"** kun kan xumuramee gocha kan argisiisuu dha, innis kan yeroo darbee gocha xumuramee kan argisiisuu innis ejjeennoo cimaa kan ta'e. innis waa'ee barbaachisummaa ciminaa dubbata (mata duree addaa 1:21 irratti ilaali).

## Mata duree addaa: Ejjennoo (*HISTĒMI*)

Kun jecha baratamee Kakuu Haaraatti bifa xin-waaqummaa baay'eedhaan fayyadama irra oola.

1. Jabeessuu

a. Seera Kakuu Moofaa Roome 3:31
b. Ltola dhuunfaa nama tokkoo Roomee 10:3
c. Kakuu Haaraa Ibirppta 10:9
d. Muudama 2Qoro 13:1
e. Dhugaa Waaqayyoo 2Ximoo 2:19

2. Wanta hafuuraatiin mormuu
   a. Seexana Efe 6:11
   b. Guyyaa murtii mul'ata 6:17
3. Bakka tokkoo dhaabbatee walaansoo qabuu
   a. Dubbii haalaa loltuu Efe 6:14
   b. Dubbii haalaa siivilii Room 14:4
4. Ejjeennoo dhugaa Yoha 8:44
5. Ayyaanna irratti ejjeennoo jiru
   a. Roomee 5:2
   b. 1Qoro 15:1
   c. 1Pheexi 5:12
6. Ejjennoo amantii
   a. Room 11:20
   b. 1Qoro 7:37
   c. 1Qoro 15:1
   d. 2Qoro 1:24
7. Ejjeennoo of tuullummaa 1 Qoro 10:12

Jechi kun kan lamaanuu kakuu ayyaanaa fi araara olaantummaa Waaqayyo ibsa, akkasumas amantootni isaas deebii kennuu akka isaan barbaachiisuu amantiin eeguu akka irra jiraatu! Lamanuu dhugaa Macaafa qulqullutti. Dirqmatti wali wajjin dhabamuutu irra jiraata!

**15:2 "Fayyitanituu"** kun gocha hojii irra oolee ammaa kan argisiisuu dha, "fayyina" (1:18, 2Qoro 2:15, 1Pheexi 3:21, 4:18). Fayyinni adeemsa gara Kristosiin fakkachuuti.

Mata duree addaa:Gochama Girikii kan yeroo fayyinnaa fi fayyadama irra kan oolan 3:15 irratti ilaali.

▣ **"Akka"** kun sadarkaa tokkoof hima haalati, innis dhugaa wangeelaa "jabeessani qabachuu" akka irra jiru kan argisiisuu, inni kan inni labseef, garuu yaadannoo dabalataa itti dabala, lama irratti "ei" (jechuun, kan hafee). Kunnis kan fakkaatuu fakkeenya isa sanyii facaasuu wal bira qabuu dha (Mat13) fi ibsa Yoha 1 Yohaa 2:19 tokkumicha keessa kan turan garuu kan dhiisan.

Gareen kun Qorontosiin turaniiru isaanis gocha isaanitiin gar tokkotti jechuudhaan, akkasumas xin-waaqummaa tiin raawwatani kiristaanaa ta'uu isaanii kan hin argisifne! Isaanis kan hin fudhannee (1) wangeela Phaawulos (2) taayitaa ergamummaa Phaawulos akkasumas (3) wangeelaa aadaa Roomee wajjin walin makaniiruu, achitis aadichi kan caaluu kan ta'e! aadaa kiristaanummaa fi yeroo hundumaa dadhabaa dha, al tokko tokkoo immoo kiristanuma iyyuu miti.

Ta'es, adaraakee haala qabiyyee barreefamaatiin Phaawulos kan cimsuu, amantootni Qorontos amantoota dhugaa ta'uu isaanii akka amanamu hubadhu.

1. Xiyaafataa yeroo, lakk.1 "kan isin fudhatani"
2. Xiyaafataa yeroo lakk.1 "isatis immoo kan itti dhaabatanii"
3. Ramaddii tokkoo hima haalaa, lakk.2 "jabeessitani hama qabatanitti"

▣ **"Akkasumaan yoo amanuu baataan"** jabeessitani yoo qabatanii…akkasuma" "akkausumaa" (*eikē*) "kayyoo tokko malee" (Galaa 3:4, 4:11) jechuu dha. Maati 13:1-9, 18-23 fi Yoha 8:31-59 ifaa kan ta'ee ogummaa sobaa jireenya amantaatti qabaachuu isaanitti (mata duree addaa: ganuu 6:9 ilaali). Gaaleen kunni isa arfa duraa boodaa fida, kunnis jireenya kiristaanummaa wanta barbaachiisaa kan ibsu: fudhatama, ejjeennoo, guddinaa fi itti fufiinsa. Fayyinni adeemsaan, innis qalbi jijjirannaa, amantii, aboomamuu of keesatti qabata (lamanuu ka'umsa irraas ta'ee itti fufeenya), akkasumas immoo cimina. Mata duree addaa barbaachisummaa ciminaa 1 Qoro 1:21.

**I Qorontos 15:3-11**

**[3]Hundumaa irra caalaa waanan ofii kootii fudhadhe isinitti dabarsee kenneera; innis caaffanni qulqulla'oon akka jedhutti, Kristos cubbuu keenyaaf du'eera*, [4]inni awwaalameera. Caaffanni qulqullaa'oon akka jedhamitti guyyaa sadattis du'aa kaafameera*. [5]Inni Phexirositti mul'ate, ergasii bartoota kudha lamaa keessaa warra hafanitti mul'ate*. [6]Kana booddee immoo ergaan-takkaa obboloota dhibba shan caalanitti mul'ate; isaan keessaa kaani illee boqotaniiru garri caalaan garuu amma iyyuu jiru. [7]Erga Yaaqoobitti mul'atee booddee immoo, warra ergamoota jedhaman hundumaatti mul'ate*.[8]Hundumaa booddee ana isa akka nama iddoo in ga'iin dhalateeti immoo mul'ateera*. [9]Anoo ergamoota hundumaa irra xinnaa dha; waldaa Waaqayyoo waanan ari'adheefis, "Ergamaa" jedhamee waamamuudhaaf nama ta'u m iti*. [10]Amma garuu ayyaana Waaqayyotiin ani ergamaa ta'eera, ayyaanni inni anaaf kennes utuu dhimma hin baasiin hin hafne. Ani hunduma isaanii caalaa itti dadhabee hejjeedheera; ana utuu hin ta'in, ayyaana Waaqayyoo isa anaa wajjin jirutu itti dadhabe*. [11]Egaa anis isaanis akkasitti in lallabna, isinis akkasiti amantanii jirtu*.**

**15:3 "Dabarsee kennee"** kun kan argisiisuu (1) dhugaa baati kiristaanaa, Phaawulos kan fudhatee (jechuun Isxifaannos irraa Hoji.erg.7, Anaaniyaa irraa, Hoji.erg. 9:10-18 fi kiristaanoota hari'ataman Hoji.erg.9:1-2, 1 Qoro 15:9) yookaan (2) gooftaa irraa mul'ata kallattiin (11:23, Hoji.erg. 9:1-22, 22:316, 26:9-18, Galaa 1:12). Phaawulos wangeelli inni fudhatee dabarsee kenneera. Phaawulos nama waanta haaraa argatu (innovator) hin ture, haa ta'uu malee dhugaa baatu amanamaa, dhugaa wangeelaa saba haala saba haaraa hojii irra kan oolchu.

▣ **"Hundumaa duraa"** kun qophaa isaa wangeela ergamummaa guduunfaa dha. Kan keenya wangeelli ammayyaa guduunfaan, akka karaa Roomee kan jiruu (jechuun, 3:23, 5:8, 6:23, 10:9-13) kan ammayyaa fillatamoo dha, isa guddaa barreeffama liqimfamuu irraa kan fudhatan. Phaawulos waa'ee barbaachisummaa wangeelaa yaadachiisuu barbaadeera. (mata duree addaa, *Kerygma* (lalaba-wangeela *Kerygma* 15:1 irrattii ilaali)).

Guduunfaa wangeela Phaawulos:

1. Kristos waa'ee cubbuu keenyaf du'eera
2. Kristoos dhugumatti du'ee ture, awwalameeras
3. Kristos warra du'an keessaa ka'eera
4. Isaan kun dhugaa ta'uu isaani in beekna, sababni isaa inni namoota baay'eetti mul'ateera, guyya baay'eedhaaf.

▣ **"Kristos waa'ee cubbuu keenyaaf du'eera"** "Kristos" jechi jedhuu hiika Girikiitti, jechii Ibirootaa Masihii yeroo ta'uu hiikii isaas kan dibamee. Jechi kunni, kan hin baratamne "Yesus Kristoos" yookaan "gooftaa Yesus Kiristos" yookaan "Kristos Yesus" kan argisiisuu aadaa Phaawulos ka'umsa isa durritti, achitti Yesus Yesus akka Masihii Yihudootaa kan mirkanaa'ee abdii kan galamee. (Masihii 1:23 irratti ilaali). Hundumaan tarii, Phaawulos kana kan fudhatee Anaaniyaa fi amantoota biraa irraati, Damasqooti utuu hin jijjiiramin dura.

Gochaan kun amma kan argisiisuu dha. "Yesus liqiin kan irra hin jiree gattii kaffaleera akkasumas nuyi gatiin nurra jira baasuu kan hin dandeenye" (Galaa 3:13, 1 Yoha 4:10).

"B" kan jedhuu walinga (Huper) hiikii issa "karaa isaa" dha, innis fayyadama irra kan oolu wal fakkaataa kan ta'e walingaa kan biroo Girikii anti wajjini dha, hiikii isaas "bakka isaa" dha. Innis bakka bu'aa, bakka bu'aa beenyaa kan ta'ee waabii dha (Isaa 53, Mar 10:45).

Du'ii Kristos qabatamaa irra deddeebi'aa ture, barreefama Phaawulositti. Innis jechoota adda addaa baay'ee baay'ee gaalleewwaan fayyadama, du'a bakka bu'ummaa Yesus

1. Dhiiga (1 Qoro 11:25, 27, Room 3:25, 5:9, Efe 1:7, 2:13, Qolq 1:20)
2. Mataa isaa kennee (Efe 5:2, 25)
3. Dabarsee kennee (Room 4:25, 8:32)
4. Aarsaa (1 Qoro 5:7)
5. In du'ee (Room 5:6, 8:34, 14:9, 15, 1 Qoro 8:11, 15:3, 2 Qoro 5:15, Galaa 5:21, 1 Teso 4:14, 5:10)
6. Fannoo (1 Qoro 1:17-18, Galaa 5:11, 6:12-14, Efes 2:16 Filli 2:8, Qolo 1:20, 2:14)
7. Fannoo (1 Qoro 1:23, 2:2, 2 Qoro 13:4, Galaa 3:1)

▣ **"Akka sagallee isaa"** kun kan argisiisuu Kakuu Moofaa dha, sababi isaa tokkoo illee Kakuu Haaraan yeroo kanati waan hin barreefaamneef, tarii Galaatiyaa fi Tesolonqee irraa kan hafe. Fayyadmani gaalee kanaa lakk.3-4 kan inni cimsuu raajummaa (Luqaa 24:27) fi dursee kan murteessee kan Waaqayyoo kaayyoo oolchuuti (Hoji.erg. 2:23, 3:118, 4:28, 13:29 mata duree addaa 1:21 ilaali).

Ta’ee, ta’uu kan qabu jechichi asitti kan inni argisiisuu wangeela keessaa isa tokkoo (yookaan jecha Yesus, isaanis adda ba’aani kan dubbatan, isa booda dursa wangeela ala). Isaan yooma akka barreefamani beekamaa miti, akkasumas yoom warra durritiin waldaan kiristaanaa akka tatamsa’aani. Gaalichi kutaa wangeelaa keessaa kan heeruu yoo ta’ee, egaa “guyyaa sadaatti” Yesus kan innii ka;ee sanbata guddaa argisiisa, turban jalqabaa fi, akka lakk.Yihudootaatti guyyaa sadii.

**15:4 “Awwaalameera”** inni dhugumatti du’ee turee!

▣ **“Guyyaa sadatti”** Kakuu Moofaatti tokkoo illee ifa kan ta’ee wanti mirkanaa’ee hin jiru, “guyyaa sadaf” ta’us, inni kutaa Kerigemaatti (Maar 10:34, Luqaa 24:46, Yohaa 10:40, mata duree addaa 15:1 irratti ilaali. Tokko tokkoo isa kan ilaalan Yohaa 1:17 yookaan farfaannaa 16:10 akka inni argisiisuuti, ta’us, yaadii Yesus Kristos kennee (Matii 12:40) kan fakkaatan qurxummii guddicha birratti Yonaas shaakalli inni qabachaa turee wajjin akka deemuu dha.

▣ **“Ka’eera”** kun gocha hojii irra oolee kan argisiisuu dha, boqonna kana keessatti irra deddeebi’ee fayyadama irra kan oolee (lakk. 4, 12, 13, 16, 17, 20). Gochamni kunni yeroo kan dubbatuu waa’ee itti fufeenya Yesus qabu “kan ka’ee” dha, akkasumas sagalleen hojii irraa oolee kan dubbatuu wa’ee gocha abbaatti, isa du’aa kaasuu isaa. Kun cimsa kan itti laatu mirkanneessuu abbaati, kan jireenya isaa, barumsa isaa, fi aarsaa du’aa Yesus. Kakuu Haaraan yeroo hundumaa hojii oolchuu kan kennuu qaama sadaniif, Waaqa.

1. Waaqayyoo abbaan Yesusiin kaasee (Hoji.2:24, 3:15, 4:10, 5:30, 10:40, 13:30, 33, 34, 37, 17:31, Roome 6:4, 9,10:9, 1 Qoro 6:14, 2 Qoro 4:14, Galaa 1:1, Efe 1:20, Qoloo2:12, 1 Teso 1:10)
2. Waaqayyoo ilmi mataa isaa of kaasee (Yoha 2:19-22, 10:17-18,)
3. Waaqayyoo hafuura qulqulluun Yesussiin kaasee (Room 8:11).

## Mata duree addaa:Du’aa ka’uu

A. Ragaawwaan du’aa ka’uu
   1. Shantama (50) guyyaa Peentekoostee booda, du’aa ka’uu lalaba Pheexiroos yaadannoo furtuu ta’ee (Hoji.erg 2).kumaatamni bakka sana in jiraattu turan utuu raawwatamuu kan argani amananiiru!
   2. Jireenyi duuka buutuu abdii kutachuu irraa bifa jijjiirama hundeen ta’een (du’aa ka’uu in eegn e turan ifa kan ta’ee caalaatti aarfamuu.

B. Faayidaa du’aa ka’uu
   1. Yesus isa ta’uu isaa argisiisa (Maati 12:38-40 du’uu fi du’aa ka’uu isaa akka yaadee)
   2. Waaqayyoo tolaa gochuu isaa kaa’eera, jireenya Yesus keessa, barumsa fi du’a bakka bu’ummaa! (Roome 4:25).
   3. Abdii kiristaanoota hundummaa nu argisiisa (jechuun qaama du’aa kaa’uu, 1 Qoro 15).

C. Jecha Yesus, du’aa akka ka’uu kan inni jedhe
   1. Maati 12:38-40, 16:21, 17:9, 22, 23, 20:18-19, 26:32, 27:63
   2. Maari 8:31, 9:1-10, 31, 14:28, 58,
   3. Luqaa 9:22-27
   4. Yohaa 2:19-22, 12:34, Boqonnaa 14-16

D. Qayyabannoo dabalataa
   1. *Evidence That Demands a Verdict* by Josh McDowell (ragaa murtii barbaaduu)
   2. *Who Moved the Stone?* by Frank Morrison (dhagicha eenyutu kaasee?)
   3. *The Zondervan Pictorial Encyclopedia of the Bible*” (Zonderfaan suura macaafa qulqulluu insyiklopidiyaa, “du’aa ka’uu” “Yesus Krostos du’aa ka’uu isaa”).
   4. *Systematic Theology* by L. Berkhof, fuulaa 346, 720.

**15:5 “Inni mul’ateera”** itti fefee kan jiru mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa:Du’aa ka’uu Yesus mul’achuu duraa

Yesu namoota baay’eetti mataa isaa argisiiseera, ka’uu isaa jabeessuf

1. Dubartoota awaalicha bira turan Maati 28:9
2. Bartooa kudha tokkoon Maatii 28:16
3. Simi’oon Luqaa 24:34

4. Namoota lamaan Luqaa 24:15,
5. Duuka buutuu isaa Luqaa 24:36,
6. Maariyaam ishee Magidelaa Yohaa 20:15
7. Duuka buutuu kurnan Yohaa 20:17
8. Duuka buutuu kudha tokkoo Yohaa 20:26
9. Duuka buutuu turban Yohaa 21:1
10. Keefaa (Phaaxiroos) 1 Qoro 15:5
11. Kudha lamaan (Ergamoota 1 Qoro 15:5)
12. Obboloota dhibba shani 1 Qoro 15:6 (Maati 28:16-17)
13. Yaaqoob (Maatii isaa biyya lafaa irraa )1 Qoro 15:7
14. Ergamoota lamaan 1 Qoro 15:7
15. Phaawulos 1 Qoro 15:8 (Hoji.erg. 9) isaan kunni ifatti kan isaan argisiisan tokko tokkoo bifa wal fakkaataa dha. Yesus jireenyatti ta'uu isaa sirritti akka beekan barbaadeera.

▣ **"Keefaa"** Phaawulos isa irra deddeebi'ee kan inni waamuu maqaa kanaan, ergaa isaa Qorontos keessaatti (1:12, 3:22, 9:5, 15:50 haa ta'uu malee Galatiyaatti lamanuutiin Keefaa(2:9) fi Pheexiroos (1:18, 2:7, 8, 11, 14) jedhee waameera. Phaawulos, isa Simi'oon jedhee raawwatee waamee in beekuu.

Ajaa'ibsiisaa kan ta'uu namni jalqabaa (awaalicha birratti kan turan namoota booda) isa du'aa ka'ee Yesusiin kan itti mul'atee yeroo sadii isa gannee sanatti. Innis lallaba jalqabaa kan godhee, Phentekoostee waldaa kiristanaati. Yesus bifa adda ta'een mallattoo cimsa qabun godheeraaf, Maari 16:7 achitti ergamoonni Yesusiin akka wal argan itti dubbate. Kun dhugummatti kan argisiisuu jaalala, hubachuu, dhiifamaa, fi humna deebi'ee Kristoositi. Baay'inaan Yohaa 21 kan ibsuu gara geggeesumatti deebi'uu Pheexirositi.

▣ **"Kudha lamaanuu"** maatii warra lixaa kan ta'an barreefamni Girikii (jechuun, MS D [codex Bezae]), akkasumas Vilgeet "kudha tokko" qabu "kudha lama" jechi jedhuu garee ergamootaa jcha ogummaa ta'eera. Phaawulos jecha kana barreefama isaa biraa irratti raawwate in fayyadamne. Tokko tokkoo kan yaadan yaada wali gala kanaa lakk.3-7 waldaa kiristaanaa ishee durii gaaffii amantaa guduunfaa ta'uu akka danda'uu dha.

# MATA DUREE ADDAA: LAKKOOFSA KUDHA LAMA

Lakkoofsi kudha lama yeruma hundumaa akka lakkoofsa fakkeenyaa dhaabbataa ta'aa tureera.

A. Macaafa Qultulluutiin ala
   1. Kudha lama mallattoo zodiac
   2. Ji'oottan 12 waggaa tokkoo
B. Kakuu Moofaa keessatti (BDB 1040 ida'uu 797)
   1. Ijoollee Yaaqob (gosoota Yihudootaa)
   2. Kanneen armaan gadii keessatti calaqqisiifameera
      a. Ba'u 24:4 keessatti utubaawwan kudha lama iddoo aarsaa
      b. Faayota kudha lamaan breaste plate luboota olaanaa irraa (isa gosootaaf dhaabatu) Ba'u 28:21)
      c. Buddeennan kudha lamina mana qulqullummaa keessatti iddoo qulqullummaa Lew. 24:5 keessaa
      d. Basaastonni kudha lama Lak. 13 keessatti (tokkoon tokkoon isaanii gosoota bakka bu'u) gara Kana'aan ni ergamani.
      e. Uleewwan kudha lamaan (gosaaf kan dhaabatan) fincila Qoraahi Lak. 17:2 keessaa
      f. Dhagoota kudha lamaan Iyyaasuu Iya. 4:3,9,20 keessaa
      g. Aangoowwan tajaajilaa bulchiinsa Solomoon 1Mot. 4:7 keessaa
      h. Dhagoota kudha lamaan iddoo galma Eliyaas YHWHdhaaf 1Mot. 18:31 keessaa calaqqisiifamee ture
C. Kakuu Haaraa keessatti
   1. Bartoota kudha lamaatu filatame
   2. Buddeena gundoo kudha lama (Bartoota tokkoon tokkoo isaaniitiif tokko tokko) mat. 14:20 keessaa
   3. Barcumoota kudha lama isa bartoonni Kakuu Haaraa (gosoota Isiraa'el kan eeru) Mat. 19:28 keessatti irra taa'an.
   4. Ergammoota duula kudha lama Mat. 26:53 keessatti Yesuusiif oolchuuf ergamuu malanii
   5. Fakkeenyummaa Mul'ataa
      a. Maanguddoota 24 barcuma 24 irratti 4:4

b. 144,000 (12x12,000 7:4; 14:1,3 keessaa
c. Urjiiwwan kudha lamaan gonfoo dubartootii 12:1 keessa irraa
d. Balbaloota kudha lama, ergamoota kudha lama kanneen gosoota kudha lamaan 21:12 keessatti calaqqisiisanii,
e. Dhagoota bu'uuraa kudha lama Yerusaaleem haaraa fi isaanirratti maqaan Ergamootaa 21:14 keessatti irra ture.
f. Stadiawwan kuma kudha lama 21:16 keessaa (bal'ina magaalaa haaraa, yeruusaalem)
g. Keenyan dhundhuma 144 21:7 keessatti
h. Balbaloota somboo kudha lama 21:21 keessaa
i. Mukkeen gosoota kuduraa kudha lama qaban (tokkoon tokkoo isaanii ji'a tokko tokkoof) Yeruusaalem haaraa 22:2 keessaa.

**15:6 "Namoota dhibba lamaa ol kan caalan obboolotaatti mul'ate"** kun tarii Maati 28:16-20 argisiisa, keessumatti lakk.17 innis ergama guddaa waldaa kiristaanatiif kennuu isaa, geggeesitoota muraasa qofaaf utuu in ta'in. lakk.6 cimsa Phaawulos qaama du'aa ka'uu dhugaa dha. Tokkoo yoo hin amannee, baay'een dhuga baatuu ijaa dhugaa ba'uudhaaf.

▣ **"Amma ammaatti"** Yesus kan fannifamee walakkaa sodommaa irratti ture, akkasumas 1 Qoro kan barreefamee walakkaa shantamaa irratti ture, kanaaf waggaa digdaman kanaa gara garummaan baay'ee jecha Yesusi fi gocha dhuunfaa isaanitti kan walin dha'an ganaa utuu jireenyatti jiraatani dhugaa ba'aaniiti.

▣ **"Rafaniiruu"** Phaawulos fayyadama Yesus hordofee (Maati 27:52, Yoha 11:11, 13) akkasumas fayyadama Kakuu Moofaa (Daani 12:2) raafitti akka fakkeenya du'aatti.

**15:7** "Yaaqoob" kun kan argisiisuu obboleessa Yesusitti, innis amma du'aa ka'uutti kan in ammannee (Maari 3:21, Yohaa 7:5,). Maatiin isaa hundumtu kutaa isa olii turan (Hoji erga 1:14). Inni kun Yaaqoob kan beekamuu akka wallakkaa obbolleessa Yesusitti (Maati 13:55, Maari 6:43) ergamaa Yaaqoob irraa adda ba'uuf jecha miseensa garee keessaa, innis dursee kan ajeefamee (Hoji.erg. 12). Dhaloota baay'eedhaaf waldaan kiristaanaa Yerusaleemiin turtee fira foonii Yesus turte geggeessaa in godhachaa kan turte. Keeyatti macaafa qulqulluu baay'een (Hoji.erg 12:17, 15:13, 21:18, 1 Qoro 15:7 fi Yaaq 1:1) kan argisiisan Yaaqoobi baay'ee dhugaatti geggeessaa waldaa kiristanaa Yerusaaleem akka turee dha. Fuula isaa heeruudhaaf Phaawulos qophaa isaati. Kun kan argisiisuu Kakuu Haaraatti waa'ee barumsa Yesusi fi gochi isaa inni kam akka irra cite dha. Isa amanuudhaaf duukaa bu'uun kan nu ga'uu hundumaa qabana, haa ta'uu malee kan xumuramee seenaan jireenyaa ga'aa in ta'u.

## Mata duree addaa:Yaaqoob, walakaa obboleessa Yesus

A. Innis "Phaawulo sirriin isaa" jedhamee in waamam ture, booda irrattis "humna gaalaa kan jedhu maqaa maxantuu, sababii isaa humna isatiin dhaabataatti in kadhata waan tureef (Hegesippus, Eusebius kan heeramee).
B. Yaaqoob amma du'aa ka'uu boodaatti amanaa hin ture (Maari 3:21, Yohaa 7:5). Yesus dhuunfaa isaatti itti mul'ateera du'aa ka'uu boodee (1 Yoha 15:7).
C. Innis kutaa olii ergamootaa wajjin turee (Hoji.erg 1:14) akkasumas haafuurri qulqulluun yeroo Pheenxeqoosteetti yeroo dhufuu achi jiraachuu danda'a.
D. Fuudheera (1Qoro 9:5)
E. Innis Phaawulosiin akka utubaatti heerameera (tarii akka ergamaati, Galaa 1:19) haa ta'uu malee warra kudha lamaan keessa isa tokko hin ture (Galaa 2:9, Hoji. Erg 12:17, 15:13).
F. *Antiquities of the Jews*, 20.9.1,keessatti Josephus, (haambaa Yihudootati kan durii ) 20:9, Josephus, akka qabu inni bara 62 dhagaadhaan rukkutameera ajaja mana murtii Stadiqootaati aadaan kan biraan immoo (jaarraa lamaa barreesitoota Kilement of Alexandria yookaan Hegesippus) akka qabuu keenyaan mana qulqulluummaa irratti dhiibbamee darbatameera.
G. Dhaloota baay'eedhaaf, du'a Yesus booda firoonni Yesus waldaa kiristaanaa Yerusaalem geggeessaa ta'aanii in muudamu tura.

▣ **"Ergamoota hundumaatiif"** kudha lamaanuu lakk.5 irrtti heeramuu isaanii kan inni argisiisuu kan fakkaatu, fayyadama jecha bal'aa kanaatti. Yaaqoob "ergamaa" ta'uu danda'a, akka Baranabaas abbaa miiraa (Hoji. Erg.

14: 14, 14) Andiroonikaasi fi Juniyaas (yookaan Juniiyaa, Roome 16:7, Aphiloos (2 Qoro 4:9) Ephifiradixees (Fillii2:25) yookaan Siliwaaanoosii I Ximootihos (1 Teso 2:6, Hoji.erg. 18:5).

Keefaan kudha lamaanuu irra adda ba'eee heeramuu isaa, "ergamootni hundumtuu" kudha lamaanuu wajjin in heeramu jedhee falmuun in danda'au.

**15:8**
**NASB, NRSV** **"Akka gataataa kan ta'ee"**
**NKJV** **"Yeroo malee kan dhalatee"**
**TEV** **"Fayyaa ta'ee akka waan in dhallatinitti kan fakkattu illee"**
**NJB** **"Fayyaa kan hin taanee daa'ima illee yoo ta'ee"**

Hiiki ingillii kunni kan kanaa darbee darbee jecha miira wali gala argisiisu. Innis saptuwajeentiidhaan yeroo sadii fayyadama irra kan oolee (Seer. Lakk. 12:12, Iyoob 3:16 fi Lalaba 6:3) gatachuuf. Jechichi kan argsiisuu yeroo malee kan ta'ee, dhaloota lafa irraati. Ta'us, qabiyyee barreefamichaatti Phaawulos ibsaa kan jiru dhumma irratti garee ergamoota makamuu isaati (jechuun, kara Damasqootti jijjiiramuu isaa, Hoji.erg. 9).

Kunni dhugumatti ta'uu kan danda'uu inni tokkooffan tilmaama gadi aanaan kan itti kennamee dha, isa tokkoon yookaan garee Qorontos baay'eedhaan, isaaniis taayitaa Phaawulos kan hin fudhanne (jechuun, inni ergamoota dhaabbatoo wan hin ta'iiniif). Phaawulos kan inni beeksiisuu ayyaannaa Kristos isaaf mul'achuu isaati, yeroo waldaa kiristaana ari'atuutti (lakk. 10, Galaa 1:23). Ta'us, inni amma kan fillattaman tarreefama keessa jira, Kristos du'aa ka'uu booda kan itti mul'ate. Phaawulos keessumatu kan inni cimsuu, kan kabajamee (jechuun, kan ol ba'ee) Kristosiin kan ilaalee isa qofa ta'uu isaati (Galaa 1:15-16).

Akkasumas jechuun kan danda'amuu jechichi hiikaa lama akka qabuu dha "bineensa" kan jedhuu kunnis argisiisuu kan danda'uu hameenya Phaawulosii fi dhiibbaa inni deddeebi'ee gesisee dha, amantoota qulqulluu (jechuun, Hoji.erg 9:1-2, ibsa macaafa qulqulluu Jeroom ifuula 273 ilaali. Phaawulos jecha kana mataa isaatiif baaseera, jijjiiramuu isaa dura kan ture gammachuu Yihudoota argisiisuudhaaf.

**15:9 "Ergamoota hundummaa irra kanan xinaadhu"** Phaawulos baay'ee gadi of qaba ture, ayyaanaa Waaqayyootiin, waldaa kiristaanaa Yesus yeroo hari'atutti giddutti illee. Inni itti fufee gaalee kana fakkaatu fayyadama mataa isaa ibsuudhaaf (2 Qoro 12:11, Efe 3:8, 1 Xiimo 1:15).

▣ **"Waldaa kiristaanaa Waaqayyoo waanan hari'aadheef"** (Hoji.erg. 9:1, 13, 21, Hoji.erg. 22:4, 19, Hoji.erg. 26:10-11, Galaa 1:13, 23, Fil 3:6, 1Xiimo 1:13).

**15:10 "Ayyaanna Waaqayyootiin amma kanan ta'e kanan ta'e"** "ayyaanna" fuula fuulatti kan ta'ee cimsuudhaaf (Roome 12:3, Efe 2:8-9). Amantootni hundumtuu amma akka ta'an kan ta'an ayyaanna Waaqayyootiin, haa ta'uu malee kaayyoo kan qabu gocha namaa barbaachisummaa madaallii kan hubatee (Filli 2:12-13).

▣ **"Akkasuman ta'uu hin argisiisuu"** kun jecha adda ta'ee dha lakk.2. Akka dhugaa isaa yoo ta'ee Phaawulos jecha adda addaa sadii "akkasumaan" yookaan "duwwaa" hiikuudhaaf fayyadameera, boqonnaa kana keessatti.

1. *eikē*, lakk.2
2. *kenos* lakk.10, 14, 48, 2 Qoro 6:1
3. *mataios*, lakk. 17, 1 Qoro 3:20

Tuqaan isaa kan ta'uu ayyannaa Waaqayyoo tajaajila Phaawulosiitiin kan bareede ta'uu isaati, kunnis waldaan kiristaanaa Qorontos mataan ishee tokkoo ragaa fi bu'aa dha.

▣ **"Hundumaa caalaa garuu baay'een dadhabee"** qabiyyee barreefamichaa irraa akka jedhutti kun kan argisiisuu ergamoota biraa dha. Phaawulos mataa isaa warra biroo irraa, Galaatiyaa kan jran Ergamoota wajjin wal bira qabeera, sababi isaa taayitaa ergamummaa isaa mormiin waan itti ka'eef. Tarii inni tokkoo yookaan garee baay'een waan wal fakkaataa Qorontositti utuu hin godhin in hafan. Phaawulos warra kudha lamaani wajjin lola in qabu. Inni ifatti cimsa kan laatu waa'ee mataa isaa waamamuu fi taayitaa isaati! Mata duree addaa "kan caaluu" 2 Qoro 2:7 ilaali.

▣ **"Ana garuu miti, na wajjin kan jiruu ayyaanna Waaqayyooti malee"** barumsi Waaqayyummaa Phaawulos madaallii qaba, waamamuudhaan, kennaa jiruu ta'u, fi tajaajilaan olaantummaa Waaqayyoo wajjin kan wal qabate. Yeroo baay'ee madaallin kakuu qaba, karaa ilaalcha kana lamaaniin milkaa'uu isa tokkootiin. Phaawulos kan inni cimsa laatu ergamoota biroo caalaa jabaatee hojjeechuu isaati, haa ta'uu immoo malee

Waaqayyoo burqaa isaa ta'uu isaa in beekaa, mataa isaa utuu in ta'in. madaalliin wal fakkaataan kun Yohaa 15:5 fi Fillii 4:13 yookaan Fillii 2l;12-13 gidduu.

**15:11** Phaawulosjabeessee cimsa kan laatuu inni kan fudhatee fi kan lallabuu wangeellii ergamootni warrii gurguddoon kan labsan wajjin baay'ee wal fakkaataa ta'uu isaati. Gaaffiin isaa akka dhi;eessuu kan godhee dhugaa guddaan kan argisiisuu mormii akkamii Qorontositti akka mudatee dha. Tokko tokkoo taayitaa ergamummaa isaatti gananiiru itti dabala caalaatti qabiyyee wangeela isaatis.

## I Qorontos 15:12-19

**[12]Kristos warra du'an keessaa kaafamuun isaa erga lallabamee attamitti isin keessaa kaan, "Warri du'an ka'uun hin jiru" jechuu danda'u ree*? [13]Warri du'an ka'uun hin jiruu erga ta'ee, Kristoosis immoo du'aa hin kaafamne. [14]Kristoos du'aa hin kaafamne erga ta'ee, lallabuun keenya dhimma hin baasuu amanachuun keessanis dhimma hin kutu. [15]Nuyis Waaqayyo, Kristosiin du'aa kaaseera jennee, Waaqayyoof dhugaa ba'uu keenyaan sobduu taanee argamuu keenya; warri du'an hin kaafaman erga ta'ee, Waaqayyo Kristosiin immoo du'aa hin kaafne jechuu dha*. [16]Warri du'an hin kaafaman erga ta'ee, Kristosis immoo du'aa hin kaafamne. [17]Kristos du'aa hin kaafamnee erga ta'ee, amantiin keessan immoo waa'ee hin baasu, cubbuun keessan ammuma iyyuu isi irra jira. [18]Yoos immoo warri Kristosiitti amananii obbaafatan baduu isaani ti*. [19]Jireenya amma biyya lafaa kana ira jiraannuu duwwaadhaaf Kristosin abdanna erga ta'ee, namoota hundumaa caalaatti nuuf boo'uutu ta'a.**

**15:12 "Akka"** kun ramaddii tokkoo hima haalaati innis Kristoos akka lallabuu kan argisiisu .

▣ **"Isin keessaa tokko tokkoo du'aa ka'uun hin jiruu akkamiti jedhu"** du'aa ka'uu isaa ganuun burqaan kanaa tarii ka'umsi isaa falaasamaa Girikiti (jechuun Ginoostizim galmee jechoota ilaali), innis kan yaadani qaami fooni burqaa hamaa hameenyaa ta'uu isaa ture. Haala barreefamichaatiin mirkanaa'aa miti, du'aaka'uun Kristoos ganuu isaanitiif yookaan du'aa ka'uu amantoota hundumaaf. Kun wal daa kiristaanaa ishee haaraaf rakkoo addaa miti (2 Ximoo 2:18).

**15:13 "Akka"** kunnis kan biraa ramaddii tokkoo haalaati. Innis yeroo hundumaa kan seer-lugaatiin "salphaa yookaan "kan loogikii" haala jedhamee waamama (lakk.13, 14, 15, 16, 17, 19). Phaawulos ifatti lakk.kana kan fayyadamuu falmii barreefamaa ijaaruudhaaf malee kiristoos du'aa in kaane cimsa jedhu kennuf miti! Haa ta'uu malee isaan kana lakk.itti fufanii jran loogikii (Amakiniyoo) cimaa dha. Kristos yoo ta'uu baate immoo:

1. Du'aa ka'uun raawwate hin jiru lakk. 13, 16
2. Lalabi keenya akkasumaanidha lakk.14
3. Amantiin keessan akkasumaanidha lakk. 14
4. Isaan dhuga baatuu sobduu dha lakk. 15
5. Amantiin keessan gatii hin qabu lakk 17
6. Amma ammaatti cubbuu keessaniin jirtuu lakk. 17
7. Isaan du'an badaniiruu lakk.18
8. Nus namoota hundummaa irra kan nuuf gadamuu dha lakk. 19

Kunni du'aa ka'uu Yesus dhimma xin-waaqummaa dhimma salphaa miti! Inni jiraataa dha, yoo ta'uu baatee kiristanummaan soba! Kun kan seenaa keessatti faayida qabu doktrinii dha!

**15:14, 17 "Akkasumaan…kan waa'ee in baafne"** isaan jechi adda addaa kun doktrinii fi ija kan hin qabne argisiisu. Du'aa ka'uu malee ergaan Wangeelaa gatii in qabu!

**15:19 "Kristoosiin jireenya kana duwwaatti abdii kan godhanuu** yoo ta'ee kun ramaddii 1 hima haalaati. Phaawulos tuqicha kan teessisuu Kristoos du'aa yoo hin kaanee abdii qofa kan qabnu (gocha xumuramee qabatamaa kan hin ta'in) jireenaya kanatti jireenya booda jireenyi waan hin jiraanneef, Kristoos yoo hin kaanee!

## I Qorontos 15:20-28

**[20]Amma garuu Kristos warra du'an keessaa kaafameera, warra obaafatan keessaas isatu jalqaba ka'e*. [21]Du'uun karaa nama tokkoo akkuma dhufe, warri du'an ka'unnis karaa nama tokkoo dhufeera*. [22]Harkisaa Addamiin namoonni hundinuu akka du'an akkasuma immoo harkisa Kristosiin**

**namoonni hundinuu in jiraachifamu. [23]Kun hundinuu akka tarree isaaf qophaatti in ta'a; Kristos jalqabatti ka'ee jiraata akkuma ta'ee, warri kan Kristos ta'anis yeroo inni deebi'ee dhufutti in jiraachifamu*. [24]Kristos immoo gooftummaa hundumaa, aboo hundumaa, humna hundumaas golgoleessee, mootimmicha deebisee Waaqayyo abbaatti erga kennee booddee dhumni in ta'a. [25]Waaqayyo diinoota hundumaa miillan isaanii jala hamma kaa'ufitti, Kristos mo'uutu ta'a*. [26]Hundumaa booddee diina keenya du'atu golgoleeffama*. [27]Caaffanni qulqullaa'aan, "Waaqayyo wanta hundumaa millaa isaa jala galcheera" jedha; "wanta hundumaa millan isaa jala galcheera" yemmuu jedhuu Waaqayyoo inni waan hundumaa miilla Kristos jala galchee immoo ofi isaatti miilla jala akka hin galin mul'ataa dha*. [28]Wanti hundinuu ilma Waaqayyoo jala yemmuu galfamuu, ilmi immoo ofii isaatii,Waaqayyo isa waan hundumaa miilla isaa jala galche jala in gala; akkasitti Waaqayyo karaa hundumaa waan hundumaa irra in ta'a*.**

**15:20 "Garuu"** akkam kan jiruu faallaa faayidaa qabuu dha.

▣ **"Kristoos du'aa ka'eera"** boqonnaan kun yeroo baay'ee "boqonnaa du'aa kauu" jedhamee waamama. Lamaan du'aa ka'uu Yesusi fi duuka buutuu isaati irra deddeebi'aa qabataman. Dhugummaan kanaa bu'aan dhummaa egeiro gochamni ilaalamuu danda'a, innis hiikii isaa damaquu, ka'uu kan ta'e

V.12, PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V13, PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V.14, PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V.15 AORIST ACTIVE INDICATIVE (lammee)
V.16 PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V.16 PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V.17 PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V.20 PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V.32 PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V.35 PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V.42 PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V.43 PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V.44 PERFECT PASSIVE INDICATIVE
V.52 FUTURE PASSIVE INDICATIVE

Dhaabataa kan ta'ee hojii irra kan oolee sagallee hubadhuu Waaqani sadan tokkoo kan ta'ee du'aa kaasa. Yeroo xumuramee kan inni dubbatuu du'aa ka'uu Yesus isa darbee dha, innis ejjeennoo argamuu isaa kan ta'e. Amantootni du'aa ka'uu isaa dhugaa isaa irraa in hirmaatu, akkasumas amantiidhaan, wabii isaa!

▣ **"Kan rafan"** kun kan xumuramee keeyata giddu galleessa (gochama) dha (Maati 27:52) innis kan Ibirootaa du'aa fi dubbii haalaatti.

▣ **"Angafa"** kunni kan Kakuu Moofaa aarsaa waggaa ayyaanaati, Leewota 23:10 irratti kan ibsame. Hangafni Kakuu Moofaatti haamaa garbuu waqtillee mana qulqullummaatti gooftaa duratti in sochofama ture, turban faasikaa sanbata ayyaanna qulqulluu guddaa boodaa, innis dilbata du'a ka'uu. Isaan kan kennan kan Waaqayyoo midhaan guutuu abbummaa isaa argisiisuuf kun akkuma Kakuu Moofaati, duuka buutuun Kristoos akka ta'an hundumaa ka'umsa abdi kennameef irraa ka'uu isaani irraa! Phaawulos jecha kana irra deebi'ee 16:15 irratti itti fayyadameera, kan Akaayaa amantoota jalqabaatiif ibsuuf. Innin immoo Roome 8:23 irratti fayyadameera, amantootni hafuura qulqulluu akka fudhatan ibsuuf garuu dhiphachuudhaan du'aa ka'uu isaa in eegatu. Yesus du'aa ka'uutti isa jalqabaati (Qolaa 1:18), garuu yeroo isaatti hundumtuu amantootni isaa fakkeenya isaa in shaakalu. Haala hafuuratiin nuyi ganaa dur qaama du'a ka'uu qabna (Efe 2:5-6).

## Mata duree addaa: Angafa

Jechi kunni "angafa" (*prōtotokos*) macaafa qulqulluudhaan fayyadama irra kan oole bifa adda addaa baay'eedhaan.

1. Kan isaa Kakuu Moofaan kan inni argisiisuu dursaa kan ta'ee angafa mucaa maatii keessa yoo jiraateedha (Faarf. 86:27, Luqaa 2:7, Roome 8:29, Ibiro 11:28)
2. Kan isaa Qolaa 1:15 fayyadamni isaa akka dubbatutti Yesusin akka angafa uumamaati, innis waabii

Kakuu Moofaa ta'uu danda'a FAkkeenyaa 8:22-31 yookaan kan Waaqayyoo bakka bu'aa uumamaa (Yohaa 1:3, 1Qoro 8:6, Qoro 1:15-16, Ibiroota 1:2)

3. Fayyadamni isaa Qolaa 1:18, 1Qoro 15: 20 irratti (akkasumas asiti) kan inni argisiisuu Yesus du'aa ka'uutti angafa akka ta'ee dha.
4. Innis waamicha Kakuu Moofaati Yesuusif (Faarf. 89:27, Ibiro 1:6, 12:23. Innis amalaYesus baay'ee walin makee kan qabatuu dha, dursuu isaatii fi giddy galleessummaa isaa. Qabiyyee barreefam akanaatiin lakk.3 yookaan lakk.4 haala wayyuun wali gala. 15:21-22 kun kan Addaami ramaddii Kristoositi, innis lakk.45-48 (Roome 5:12-21, Filli 2:6-11) duuka bu'aa. Addaamiin namni hundumtuu cubbuudhaan miidhameera (jechuun, du'aa). Kristoosin, namni hundumtuu ayyaanna isaa guutummaatti argata

Lakk. Qabatamaa hin ta'iin kun Roome 8:15-18 wajjin namooti barumsaa Waaqayyuummaa tokko tokkoo hundumtuu ga''umsa fayyinaa akka qaban akka cimsan godhaniiru. Kan biroon immoo kan ilaalan lamaanu kan fayyanii fi kan badanii akka ka'an argisiisuu isaati (Daani 12:2). Hundumtuu du'a Addaamiin, Yesusiin hundumtuu in ka'aa (jechuun, tokko tokkoo badhaasaaf, tokko tokkoo immoo murtiif). Anaaf ifa kan ta'ee barreefamni Phaawulos qabiyyee barreefama isaa irraa kan fudhatamee, qalbi kan jijjiiratee amantii akka gaafatu dha, fayyudhaaf!

**15:23-25** Barsiisoti xin-waaqummaa tokko tokkoo cimsa kan laatan dura waggaa kumaa bara raawwataa yaada rime dha, ta'us, barreefamni kun marii waggaa kumaa miti, kan du'aa ka'uu malee. du'ii duwwaa awaalaatiin mo'ameera, kan itti fufuu bittaa kan lafaa utuu in ta'in. Of eegachuu qabna, ajandaa xin-waaqummaa mataa keenyaa hiika qabiyyee barreeffamaa keessaa akka in bane.Phaawulos waggaa kumaa raawwatee hin ibsine, fudhatamuu isaa (1 Teso 4:16-18) yoo ta'uu baateeKristoosiin ibsi mormituu (2 Teso 2). Ysusiis macaafoota in qabaata, tokkoon tokkoon kan yeroo bara kumaa walitti qabaa ejjeennoo kan kennuu, akkasumas ejjeennoo biraa tuqaa jabinna irraas ta'ee dadhabii irraa tokkon tokkoon kan isaan argisiisan.

1. Robert G. Clouse (ed.), *The Meaning of the Millennium, Four Views*
2. C. Marvin Pate (ed.), *Four Views on the Book of Revelation*
3. Darrell L. Boch (ed.), *Three Views on the Millennium and Beyond*

Mul'ata 20 irratti kan jiru ibsituu koo toora interneetii www.freebiblecommentary.org kana irraa ilaal.

**15:23 "Dhufaatii isaa"** kan itti fufee jiruu mata duree adda ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: JECHOOTA KAKUU HAARAA KANNEEN DHUFAATII KIRISTOOS IBSAN**

Guyyaan adda itti ilmaan namootaa Yesuusiin arguuf jiran (akka fayisaa fi akka abbaa firdiitti) barreeffamoota Phaawuloos keessatti karaa baay'eedhaan ibsameera.

1. " Guyyaa gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoos" (1Qor. 18)
2. " Guyyaa gooftaa" (1Qor. 5:5; 1Tasa 5:2; 2 Tas 2:2)
3. " Guyyaa Yesuus Kiristoos (Fil 1:10: 2:16)
4. " Guyyaa Kiristoos" (Fil 1 : 10:2:16)
5. " Guyyaa Kiristoos" (cf Fil 1:10; 2 :16)
6. " Guyyaa isaa (Ilma Waaqayyo)" (cf Luq 17:24
7. " Guyyaa itti Ilmi namaa mul'atu" ( Luq 17:30)
8. " Mul'achuu Gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoos" (1Qor 1:7)
9. " Yeroo Gooftaan Yesuus Waaqa irraa mul'atutti " (2 Tas 1:7)
10. " Dhufa gooftaa keenya Yesuusitti, fuulduratti " (1tas. 219)

Karaan ittiin barreessitoonni Kakuu Haaraa deebi'ee dhufuu Yesuus mul'isuu yoo xinnaate karaa afurtu jira.

1. *epiphaneia*, ifa guddaa kan agarsiisuu yommuu ta'u 'ulfina' mul'isa 2xim. 1:10 Titos 2 :11 fi 3:4 keessatti dhufaatii Yesuus isa jalqabaa fi isa lamma agarsiisa kana 2 Tasa 4:8 keessattis ni argina, kunis jechoota gurguddoo sadan kanneen dhufaatii isaa lamma agarsiisan kan of keessatti qabudha : 1Xim. 6:14: 2Xim. 4:1, 8 Titos 2:13
2. *parousia*, kun immoo jiraachuu kan mul'isu yommuu ta'u, dhufaatii mootichaa kan mul'isudha, jechi kun hunda caalaa baay'inaan kan fayyadamedha.( Mat 24:327, 37, 39; 1Qor 15:23; 1tas 2:19; 3:13; 4:15; 5:23; 2Tas, 2:1, 8; Yaq5:7, 8; 2Plex.1:6; 3:4, 12; 1Yoh 2:28).

3. *apokalupsis* (or *apocalypsis*), kun immoo mul'achuu kan agarsiisudha, kunis maqaa macaafa Kakuu Haaraa isa dhumaati (Luq 17:30:1Qor.1:7; 2Tas, 1:7 1Phex 1:7; 4:13)
4. *Phaneroo*, kun immoo gara ifaatti fiduu yookiin mul'inatti mul'isuu yookiin labsuu jechuudha. Jechi kun Kakuu Haaraa keessatti waa'ee mul'achuu Waaqayyo ibsuudhaaf karaa baay'ee fayyadeera. Kunis akkuma epiphaneia, Dhufaatii Kiristoos isa jalqabaa (Cf 1phex 1:20 1Ja.1:2; 3:5, 8:4:9) fi dhufaatii isaa isa lamma (Mat 24:30: Qol. 3:4; 1Pilx. 5:4; 1Yoh 2:28; 3:2) mul'isuu ni danda'a.
5. Jechii bay'ee beekkamaa ta'e kan erchomai, jedhus " shufaatii" kan mul'isu yammuu ta'u yeroo baay'ee deebi'ee dhufuu Kiristoos mul'isuuf fayyada (Mat 16:27-28; 23:39; 24:30:25:31; Ho.Er1 1:10-11; 1Aor 11:26; Mul17, 8)
6. " Guyyaa gooftaa" (Tas 5:2)kan jedhus Kakuu Moofaa keessatti guyyaa Waaqayyo isa kan eebbaa (du'aa ka'uu) fi Firdii kan agarsiisuudha. Kakuu Haaraa hundumtuu kan inni barreeffame akkaataa ilaalcha addunyaa kan Kakuu Moofaatiini, kun immoo kan inni agarsiisuu
   a. Dhaloota ammaa isa hamaa fi dida
   b. Bara haaraa fi kan qajeelummaa isa dhufuuf jiruu
   c. Bara isa karaa hafuurichaatiin hojii masihichaatiin (isa dibame) dhufe.

Barreessitoonni Kakuu Haaraa akkaataa Israa'el itti eegdu hamma tokko waan fooyyessaniif, mul'achuu rratti hubannaan Ti'ooloojii barbaachisaadha. Qooda humnaan, akkasumas sabummaadhaan (Israa'el) dhufu

masihichaa, dhufaatiiwwan lamatu jira. Dhufaatiin inni jalqabaa Waaqayoo nama ta'ee dhalachuu Yesuus nama Naazireetiin mul'achuu isati. Inni akka loltuutti yookiin akka abbaa seeraatti utuu hin ta'in " hojjetaa isa dhiphatu" ta'ee dhufe (Isa 53), akkasumas harree irra taa'ee dhufe malee farad lolaa yookiin gaangee ulfina irra taa'ee miti (Zak 9:9) Dhugaatiin inni jalqabaa bara masihichaa isa haaraa akkasumas mootummaa Waaqayyo gara biyya lafaatti fide. Karaa tokkoon yommuu ilaallamu, mootummichi as jira garuu karaa biraatiin immoo amma iyyuu fagoo jira. Muddama dhufaatii masihichaa lamaan gidduu jiru kanatu wal irraa bu'insa barooota yihuudotaa lamaan isaa hin mul'atin yookiin utuu ifa hin ta'iin tureeti (Kakuu Moofaa irraa). Dhugaan isaa yommuu ilaalamu dhufaatiin kun lamaan kan isaan mul'isan, YHWH' ilmaan namaa hundumaa fayyisuudhaaf kutannoo inni qabudha. (Cf.Uma 3:15; Ba'uu 19:5 fi lallaba raajotaa, keessumaayyuu Isaayyaasii fi Yoonaas).

Waldaan Fiixaan ba'uu raajiimmaa Kakuu Moofaa eegaa hin jirtu, sababni isaas baay'een isaanii dhufaatii isa jalqabaa waan mul'isaniifidha. (Cf. *How to Read the Bible for all its Worth*, fuula 165-166). Wanti amantoonni qophaa'anii eegan ulfinaan deebi'ee dhufuu mootichaa moototaa isa du'aa ka'ee, akkasumas Goofticha gooftotaa, akkasumas fiixaan ba'umsa bara haaraa isa kan qulqullummaa lafa irratti akkuma waaqa irratti ta'e ta'uu isaatis (Cf Mat. 6:10) Ibsoonni Kakuu Moofaa dogoggora hin qaban, hata'u iyyuu malee garuu guutuu miti. Inni akkuma raajonni Humnaa fi aangoo YHWHtiin raajnitti deebi'ee ni dhufa.

Dhufaatiin inni lamman jedha macaafa qulqulluu miti, garuu yaadni isaa ilaalcha addunyaa akkasumas bu'ura guutummaa Kakuu Haaraati. Waaqayyo wan hundumaa iyyuu qajeelchee raawwachuuf jira. Walitti dhufeenya Waaqayyo fi nama fakkaattii isaatti uumamee gidduu jiru deebi'ee haareffamuuf jira. Inni hamaan sun itti faradamee, balleeffamuuf jira. Akeekni Waaqayyo hin kufu, kufuus hin danda'u!

**15:24 "Mootummaa"**ajaa'ibsiisaa kan a'uu yaada rimeen kunni itti fufee Yesusiini wangeeloota itti fufanii akkamitti fayyadama irra akka oolee dha. Innis lallaba jalqabaatii fi lallaba dhummaa dhimma mata dureeti, jedhes fakkeenyooti baay'een sagallee jabaa. Innis Wangeela Yohaannis keessatti haala ajaa'ibsisaa dhaan yero lama qofa fayyadama irra ooleera. Innis bittaa Waaqayyoti, laphee namoota amma amananni keessatti, yeroo tokkoo immoo biyya lafaa hundumaa irratti raawwatama (mata duree addaa 4:20 irratti ilaali).

Innis fayyadama irra kan oole Yesusiin amma akka jirtuu mootummaan Waaqayyoo, qaama mataa isheetini argamuu fi barnoota (Maati 3:2, 4:17, 10:7, 11:12, 12:28 Maari 1:15, Luqaa 9:9, 11, 11:20, 21:21-32). Ta'e, immoo gara fuulduratti kan ta'ee ulfinna gonfachuu, dhuufatti isaa wajjin kan wal qabatee (Mati 6:10, 16:28, 26:64). Innis "Kan durii/kan sichii" kan bara raawwataa kan wangeelaa falmii faallaati.

Waabii addaa "motummaa" barreefama Phaawulositi darbee darbeetti kan inni argamuu

| | |
|---|---|
| Romans | – 14:17 |
| I Qorontos | – 4:20; 6:9; 15:24,50 |
| Galatiyaa | – 5:21 |
| Ephesoon | – 5:5 |
| Qolasiyaas | – 1:13; 4:11 |

I Tasalonqee – 2:12
II Tasalonqee – 4:1,18

▣ **“Itti gaafatamummaa hundumaatii fi taayitaa hundumaa humna hundumaa yeroo molqeeti”** kun kan argisiisuu humna ergamaati (eons yaada Ginoostiki) kan bara hamaa kanaa (Room 8:38, Efe 1:21, 3:10, 6:12, Qolaa 1:16, 2:10, 15). Molqamuun kunni wali galatti kan inni ta’uu

1. Haala xin-waaqummaa tiin fannoo isaatii fi du’aa ka’uu isaa
2. Yesus amma deebi’utti yeroodhaaf

Kun dhugaa yoo ta’ee, egaa 1 Teso 4:13-18 barreefamni Phaawulos kan wal bira dhi’ooti. Erga fudhatamee booda amantoonni gooftaa wajjin bara baraan akka ta’an hubadhuu (Teso 4:17), innis kan abbaa mootummaa bara baraati (Dan 7:13-14).

“Dura ta’uummaa” itti fufee kan jiru mata duree addaa ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: ARCHĒ

Jechi “handhuurri lafaa” jecha Giriikii *archē*, sana jechuunis “jalqaba” ykn “madda/bu’ura” wanta ta’ee jechuudha.

1. jalqaba tartiiba isa uumamee (cf. Yoh. 1:1; 1Yoh. 1:1; Ibr. 1:10)
2. jalqaba wangeelichaa (cf. Mar. 1:1; Fil. 4:15, 2Tas. 2:13, Ibr. 2:3)
3. dhuga ba’uumsa ijaan argame duraa 9cf. Luq. 1:2)
4. mallattoowwan jalqabaa (dinqiiwwan cf. Yoh. 2:11)
5. ilaalcha jalqabaa (cf. Ibr. 5:12)
6. dhugaawwan wangeelaa bu’ureeffachuudhaan wabii jalqabaa (cf. Ibr. 3:14)
7. jalqaba, Qol. 1:18; Mul. 3:14

Akka “ajajaa” ykn “aangootti” faayidaarra kan oolu akka ta’uuf dhufe

1. qondaaltoota namaa bulchaa jiranu,
   a. Wangeela Luqaas 12:11
   b. Wangeela Luqaas 20:20
   c. Roomaa 13:3; Tiitoo 3:1
2. aangoowwan ergamummaa
   a. Roomaa 8:38
   b. 1Qor. 15:24
   c. Efe. 1:21; 3:10; 6:12
   d. Qol. 1:16; 2:10,15
   e. Yihudaa 2. 6

Barsiisonni sobaa kunniin aangoowwan hunda, kan lafaas ta’ee kan Waaqaa ni xureessu. Isaan warra safuu hin beekneedha. Isaan Waaqayyo, ergamoota, abbootii taayitaa siiviilii, dursitoota waldaa kiristiyaanaa dura ofii fi fedhii isaanii dursisiisu.

▣ “Aboowwan” itti fufee kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: Aboo (EXOUSIA)

kan Luqaas *exousia* (aboo, humna, yookaan mirga seeraa) fayyadama hubachuu ajaa’ibsiisaa dha

A. 4:6 irratti seexanni Yesusiif taayitaa kennuufi akka danda’uu ibseera.
B. 4:32, 36 irratti namooti Yihudootaa ajaa’ibsifataniiru, taayitaa mataa isaa fayyadamee Yesus barsiisuu isaatiif
C. 9:1 irratti humnaaf taayitaa isaa ergamootaaf kenneera
D. 10:19 irratti taayitaa isaa misi’oonoota torbaataamaaf kenneera
E. 20:2, 8 irratti taayiitaan Yesus gaaffiin gidduu galleessi dhi’aate
F. 22:53 irratti taayitaan hamaan in hiyamameef, Yesusiin ceepha’uudhaaf akka ajeessuufis

Ammam illee Luqaas irratti ta’uu yoo baatee, itti seensi Maatihos ergama isa guddaaf, “aboon hundumtuu samiidhaa fi lafa irratti naaf kenname” kan jiru ibsa ajaa’ibsisaa dha (Maati 28:18).

Deebiin Yesus gaaffii isaanii kan tureef

1. Waaqayyoo jechi inni dubbatee isaan
   a. Cuuphaa (Luqa 3:21-22)
   b. Jijjiiramuu (Luqaa 9:35)
2. Raajiin Kakuu Moofaa raawwateera
   a. Gosi Yihudaa (Uumama 49:10)
   b. Maatii Eseehii (2  Saamu 7)
   c. Beetelemitti dhalatee (Miiki 5:2)
   d. Yeroo Impaheera arfa (Roomee) dhalate (Daani2)
   e. Hiyeesoota, jaamoota, rakkatoota gargaaree (Isaayaas)
3. Hafuura xuraawwaa baasuu isaa, humnaa fi taayitaa isaa argisiisa seexannaa fi mootummaa isaa iratti.
4. Du'aa kaasuun humna isaa argisiisa, jireenya fooniitii fi du'a irratti.
5. Dinqiin isaa hundumtuu kan mul'atan humnaa fi aboodhaan, kan lafaa irratti kan Waaqqaa irratti, fi kan foonii irratti.
   a. Uumama
   b. Nyaachiisuu
   c. Fayyisuu
   d. Yaada namaa dubbisuu
   e. Qurxummii qabu

Qabbiyyeen barreefama kanaa kan Ginoostikii eons in heera ta'a. itti fufee kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: Maleekota barreefama Phaawulosiin

Barsisoonni kan isaan yaadaan maleekaan jaalala Waaqayyootii fi xiyaafannoo, kunnis nama kufee jiruuf akka isaan hinaafanii dha, kanaafis, isaaniif diina turan. Kan Ginoostikii barsisooti sobaa kana cimsan, fayyinni argamuu kan danda'uu karaa tokkichi dhoksaadhaan kan jecha darbuu, kan diinotaa karaa bittaa Maleekaatiiin (Qolaasihaasi fi Efesoon) innis gara waaqollii ol anootti kan geggeessu.

George Eldon Ladd macaafichatti guduunfaa gaarii qaba, Phaawulos Maleekaadhaa fi jechi inni fayyadamee, A Theology of The New Testament (Kakuu Haaraa xin-waaqummaa )

> "Phaawulos kan heeruu Maleekaa gaarii fi hamaa qofa miti, seexanaa fi ginii, innis ramaddii biraa kan ta'an jecha fayyadameera akka kan giddu galleessa aboo hafuuroota argisiisuuf. Jechichi akka itti fufee jirutt jira.
>
> 'Bitaa' [*arche*],1 Qoro 15:24, Efe 1:21, Qolaa 2:10
> 'Bittoota' [*archai*; RSV, "dura ta'aa'], Efe 3:10, 6:12, Qolaa 1:16, 2:15, Room 8:38
> 'Abbaa taayiita' [*exousia*],1 Qoro 15:24, Efe 1:21, Qolaa 2:10
> 'aboowwaan' [*exousiai*; RSV, "aboowwaan"] Efe 1:21
> 'Humna' [*dynamis*],Qoro 15:24, Efe 1:21
> 'Humnoota' [*dynameis*],Room 8:38
> 'Teessoowwan' [*thronoi*], Qolaa 1:16
> 'Bichisiisuu' [*kyriotes*; RSV, "bittaa"] Efe 1:21
> 'Bittoota' [*kyriotetes*],Qolaa 1:16
> 'Bittoota biyya lafaa dukkanaa kanaa' Efe 6:12
> 'Kan hafuuraa' [raayyaa] hamoota bantii waaqaa Efe 6:12
> 'Aboowwan kan dukkanaa' Qolaa 1:13
> 'Tokkon tokkon maqaa mogaafameen'Efe 1:21
> 'Kan samii, kan lafaa, kan samii ol jiraatan uumama' Filli 2:10 (fuula 401).

**15:25 "Dinoota isaa hundumaa miilla isaa jala godheera"** kun dubbii haalaa Kakuu Moofaa mo'icha wali galaatti (Faarfannaa 8:6, 110:1). Kakuu Moofaatti dinoota kan turan, uummatti waaqa tolfamaa waaqessaan naanoo turan, haa ta'uu malee Kakuu Haaraatti kan Maleekaa, humnoota hafuurootati, isaaniis Waaqayyoo irraa fi isa irraa Kristoosii wajjii diina kan ta'an. Isaan humnooti hamooti ijoollee namaa irratti dhiibbaa gesiisu, akka hin

amanneef akka in fincillee. Yesus humnoota kana guutu guutuutti mo'eera, fannifamuu isatii fi du'aa ka'uu isaatiin. Kan raawwii kan hundumtuu du'aa ka'uu amantoota mo'icha kana gonfachuu mallattoo ta'a!

Macaafoti nama ajaa'ibsiisan lama jiru, isaan kunni "humna (humnoota)" sirritti maal akka argisiisan ibsuu kan yaalaan.

1. Hendricus Berkhof, Christ and the Powers (Kristoosii fi humnoota)
2. Oscar Cullmann, Christ and time (Kristoosii fi yeroo)

**15:26 "Dhumma irratti kan dhabamsifamuu diinni du'a"** kanas jechuun "duwwaadhaaf gatii dhabeessa gochuu" jehu dha. Duunni mo'ameera (2 Ximoo 1:10, Mul'ata 21:4). Duunni mucaa namaatiif fedha Waaqayyoo hin ture, haa ta'uu malee bu'aa kufaatiti (jechuun, Uumama 3). Abaarsi kun in dhabamsiifama (Mul'ata 21:3) amma akka mo'ame.

"In dhabamsiifama" jecha jedhuuf lakk. 24 fi 26, mata duree addaa *Katargeō* 1 Qoro 1:28 irratti ilaali.

**15:27-28** wal argeen maqaa dhaalaa kun qabatamaa kan in taanee dha. Kunni ifatti kan argisiisuu Waaqaan kan jiru wallitti dhuufenya keessati (3"23, 11:3). Kristos, ilma, ajajamaa dha (wal qixee kan in taanee garuu miti, Qolaa 3:11) abbaadhaaf bituudhaan hojii isaa irratti, yeroo keessatti (Roome 11:33-36).

**15:27** Kun Faarfannaa 8:6 irratti kan heeree dha, Faarfarannaa 110:1 waabii eda'amaa kan qabu. Waa'ee "aboomamuu" 16:16 irratti yaadannoo jiru fi mata duree addaa 2 Qoro 9:13 ilaali.

**15**:28 "Wanti hundumtuu erga bitamanii fi booda" kun yoom ta'aa? Kana gaaffiin! Ifa kan ta'aani kan yeroo argisisan in jiraatuu keeyaticha guutuu.

1. Erga bitee boodaa (*epeita*), lakk.23
2. Isa booda (*eita*), lakk.24
3. Yeroo ta'uu (hotav, al lama) lakk.24
4. Hanga (*achri*), lakk.25
5. Yeroo ta'uu (*hostan*), lakk.27
6. Yeroo ta'uu (*hoctan*), lakk.28

Kun kan argisiisuu

1. Du'ee du'aa ka'uu Yesus
2. Ol ba'uu Yesus
3. Deebii Yesus/fudhatamuu
4. Amala amala bar kumee tokko tokkoo

Kun ifa kan ta'ee kan yeroo duraa boodaati, Phaawulos garuu baay'ee qabatamaa kan hin taanee dha, hiiktooti kam iyyuu mirkanneefatanii akka in dubbane. Yeroo hundumaa tilmaami keenyaa duraa fi tooftaan xin-waaqummaa boca keeyata kanaa kenneera, gara boca barbaaduti!

## I Qorontos 15:29-34

**29Warri du'an hin kaafaman erga ta'ee immoo, namoonni warra du'aniif hedhanii cuuphaman maal gochuu isaanii ti ree? Maaliifis isaaniif jedhanii cuuphamuu ree? 30Maaliif yeroo hundumaawaan jireenya keenyaaf sodaachisu jala jiraanna ree*? 31Obboloota ko, ani guyyuma guyyaatti soda du'aa jalan jira; kanas karaa Kristos Yesus gooftaa keenyaa isiniin waanan of jajuuf, kakadhee isinittan hima*. 32Akka yaada mnamatti yoon fudhadhe, Efesoonitti akka nama bineensootaan loluu ta'uun koo, bu'aa maalii anaaf qaba ture ree? Warri du'an in kaafaman erga ta'ee, akkuma warra kaanii, "Bor waan duunuuf, kottaa in nyaannaa, in dhugnas!" in jenna*. 33Hin gowwoominaa! "Hiriyaan gadheen amala gaarii in mancaasa". 34Yaada keessan qajeelafadhaa! Cubbutti qabamtanii hin jiraatinaa! Isin keessaa kaan Waaqayyoon wallaalaniiru; kana immoo isin qaanessuufan isinitti dubbadha*.**

**15:29** Lakk.kun hiika irratti rakkoo muraas uumu. Jechicha keessatti tokko illee keeyata wal cinaa in qabnu. Wabiin kan biraa shakaala kanaa fi waldaa kiristaanaa ishee durii in qabnu, ammam illee ragaa seenaa muraasa wal fakkaataa kan ta'ee shaakala, jaarraa 2 fi 3 munafaqa birratti kan ture yoo ta'es. Dirqamatti fudhachuun kan nurra jiru haala macaafa qulqulluuttin kun sirritti kan argisisuu akka hin beekne. Wixineen tokko tokkoo

1. Kiristaanoonnii haaraan yeroo cuuphaman bakka kiristaanoota du'anii fudhachuudhaan
2. Kan jijjiiraman haaraan in cuuphamuu, sababi isaa kan isaan jaallaatan warra du'aaniif ulfinna keennuudhaaf
3. Barumsa amantaa irra namooti jiran utuu hin cuuphamiin yoo du'an cuuphaa bakka bu'iinsaa kiristanoota jiraniin in raawwatama
4. Haara kan jijjiiraman hawaala kiristaanoota gurguddoo irratti in cuuphamu

Haala hiikaatiin harkifataa baay'een lakk.kana hiikuuf in barbaachisu.

1. Inni jalqabuma fakkeenyoota itti fufani jiran/labsii dha, waa'ee dhugaa du'aa ka'uu
2. Inni tokkoo xin-waaqummaa /doktrinii labsi irratti in ijaara.
3. Sirritti seenaa kan heeruu cillaancilliin jiru hama hin jireetti, barreefamni kun cimsa itti kennamuun irra hin jiraatu, akkasumas dhugumatti gara Doktirinitti jijjiiramuu in danda'uu (jechuun kan Mormoon)
4. Inni caalaatti haala qabiyyee barreefama isaa irraa waan mirkanaa'ee in qabu, Phaawulos shaakala kana waa'ee jabeessuu isaa yookaan akkasumas waabii akka godhee (TEV, NJB)

▣ **"Akka"** kun ramaddii tokkoo hima haalaati, tuqaa faallaa cimaa gochuudhaaf fayyadama irra kan oole. Barreefamni Girikii holōs jecha jedhu qaba (sirritti) gaalee kanaan. 5:1 irratti yaadannioo jiru ilaali.

**15:31**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Nan cimsa"** |
| **NRSV** | **"Inni dhugaa dha"** |
| **TEV** | **"Kana nan beeksiisa"** |
| **NJB** | **"Nan kakadha"** |

Kun Girikiidhaan miti, haa ta'uu malee qabiyyee barreefama isaatiin gaaleen itti fufee jiru tarii jecha kaka ta'a. Phaawulos jecha kaka yeroo baay'ee fayyadama, jechi isaa sirrii ta'uu isaa cimsuudhaaf (Room 9:1, 2 Qoro 1:18,23, 11:10-11, 31).

▣ **"Kristoosiin kanan qabuu isiniin of jajuu"** Phaawulos cimsaa kan jiru, hojiin Qorontosin jiru Kristoosiif hojeechuu isaa ragaa ta'uu isaatti. Hojiin isaa ta'uu kan qabuu ta'eera (2 Qoro 3:1-2, 7:4, 9:2-3). Waldaan kiristaanaa Phaawulos ergamummaa isaatii fi ija qabeessumaa isaatii fi ragaa dha.

▣ **"Guyya guyyaatti nan du'a"** gaaleen kun himicha irratti kan dursu dha kan godhame, cimsa itti kennuuf (2 Qoro 5:14-15, Galaa 2:20, 1 Yoha 3:16). Lakk.30-32 kan argisiisuu Phaawulosin rakkoo mudatanii dha, yeroo Kristoosiin tajaajiluu (2 Qoro 1:8-10, 4:8-12, 6:3-10, 11:23-27). Kan ta'uuf akka ta'ee hubateera, sababii isaa inni dhuunfaa isaatti karaa damaasqootti Kristoos isa ulfina qabeessa waan ilaaleef (Hij.erg. 9:1-22, 22:3-16, 26:9-18). Barumsi Waaqayyummaa Phaawulos ragaa kan godhatuu shaakala dhuunfaatii fi mul'ata dhuunfaati (Hoji. Erg. 9:1-22, Galaa 1:11-12) fi Kakuu Moofaan (kan isaa kan barsiisootaaleenjiin).

**15:32 "Akka"** Phaawulos lama tokkoo ramaddii hima haalatti fayyadama, tuqaa isaa teesisuuf. Du'aa ka'uu fi badhaasi kiristaanaa kan biraa irraa, Phaawulos maalif wangeelaaf jedhee guyya guyyaatti rakkina fudhachuudhaaf fedha qabaataa?

▣ **"Efesoonitti bineensa cakkaa wajjinaan walaansoo qabee"** Phaawulos shaakala kana in heeree 2 Qoro 11:23-27 irratti kan jiruu yaadannoo rakkinaa irratti, akkasumas Phaawulos lammii Roomee sababa ta'eef ta'a, inni bineensa caakkaa akka walaansoo qabuuf dirqisifamuu in danda'uu, kun dirqamatti ta'uu kan qabuu dubbii halaatti haala hafuura rakkisaa Phaawulos Efesoonitti kan keessa darbee (1Qoro 1:8-10). Tokko tokko barreefama kana kan fudhatanii akkuma jirutti, akkasumas Efesooniin kan turee hidhaa cimsu.

▣ **"Anaaf maal na gargaara"** Phaawulosi Kristoosiif dadhabuun isaa tokko illee hiika hafuuraa in qabu, du'aa ka'uu amma in qabaaneeti yookaan Kristoos jedhee du'aa ka'uu yoo hin qabaanee Phaawuloosiif. Inni wangeela inni wangeelaaf dadhabee, wangeelli garuu dhugaa yoo in taanee, baadhasa in qabu (jechuun, fayyinni hin jiraatu, du'aa ka'uun hin jiraatu, jireenyi bara baraa in qabaatu, Waaqayyoo wajjin tokkummaa hin qabaatu, warra jaallatuu wajjin waaqa irratti deebi'aanii wal argun in jiru, 15:12-19).

▣ **"Haa nyaannuu fi haa dhugnuu, bor waan duubuuf"** kun kaayyoo Ipikuriyaan ture. Innis immoo Isaayaas 22:13 irraa (Isaa 56:12, Luqaa 12:19) kan heerame. Kunnis jecha ammaa wajjin "jireenyatti kan jiraattu al tokkicha qofa, kanaaf amma dandeessuu hundumaa gammachuu fudhadhu!" haa ta'uu malee, du'aa ka'uun yoo

jiraatee? Nuttis Waaqayyo qulqulluu duratti waa’ee kennaa jireenya keenyaa deebii kennuudhaaf kan dhaabanuu yoo ta’es (Daani 12:2)

**15:33 “In dogogorinaa”** kunni alta’aa amma hojii irra oole kan xiyaafatuu dha waldaan kiritaanaa Qorontos dogogoraan geggeefamtii turte, xin-waaqummaa sobaa (6:9).

▣ **“Hiriyaan gadheen amala gaarii balleessa”** kun kan heeramee raajii Girikii irraa Menander’s Thais, ta’uu kan qabuu ejiitoota wajjin kan wal qabatee dha. Qorontosiin kan turan gareen tokko tokoo kan isaan of jajan (1) Giriki-roomaa haalaa yookaan (2) birmadummaa saalaa ture. Phaawulos haala isaanii jabeesseera, faalasama mataa isaanii irraa heeruudhaan (lakk.32 fi 33). Phaawulos kan inni guddatee Tarseesiti, isheenis barumsa falaasama Girikiitin baay’ee kan beekamtuu (HoE17:28 fi Tiitoo 1:12). Innis bifa adda ta’eeni barsiisoota Yihudummaa amantaa kan hin taanee yaada Girikii kan qabuu barateera.

▣ **“In balleessa”** mata duree addaa 15:42 ilaali.

**15:34**
**NASB** **“Abbaa sammuu damaqaa ta’uun”**
**NKJV** **“Tolaan damaquu”**
**NRSV** **“Damaqaa fi sammuu ta’uu qabaadhaa”**
**TEV** **“Gara miira keessan isa sirri ta’eetti deebi’aa”**
**NJB** **“Kan gadi isin qabee jalaa damaqaa, akka ta’utti”**

Gochi kunni xiyaafataa ammaati. Kun jechuu kan danda’uu, “gara kan safuu miira keessanitti al tokkiichaa fi yeroo isa dhummaatiif deebi’aa” dha.

▣ **“Cubbuu hojjeechuu dhaabbaa”** kunni gochama xiyaafataa ammaati, kan keeyata alta’aa (gochama) wajjin, innis yeroo hundumaa hiikii isaa gocha adeemsa irra jiru dhaabuu dha. Innis ifaa kan ta’ee, du’aa ka’uu kan ganan isaan kan qabataan immoo Waaqa kan hin qabne jireenya. Phaawulosi safuu malleesummaa isaanii akka gatii dogogora isaanitti godhee kan cimsa xin-waaqummaa isaanii fayyadameera (jechuun, du’aa ka’uun hin jiru).

▣ **“Waaqayyoon beekuu dhiisuu”** Ingillin jechi kunnii “Aginostikii” dha. Ibsuuf kan nama rakkisuu mallattoo ciggoo ti, beekumsa baay’ee kan kabajaniif. Xin-waaqummaa isaanitiin gochi kan argisiisuu beekumsa dhugaa akka hin qabaanne dha!

## I Qorontos 15:35-41

**35Namoonni tokko tokko, “Warri du’an attamitti kaafamu? Yommuu argaman dhagni isaanii maal**
**fakkaata?” jedhanii in gaaatu ta’a. 36ati gowwaa nana! Wanti ati facaaftu sun ofii isaatii yoo du’e malee,**
**biqilee jiraachuu hin ddandau*. 37Sanyiin qamadii yookiis miidhaan kan biraa, inni ati facaaftu miciree**
**isaa isa argamuuf jiru miti. 38Waaqayyo garuu akka jaallatetti dhagna in kennaaf; tokkon tokkon isaatiif**
**akka akaakuu sanyichaatti dhagna addaa in kennaaf*. 39Foon hundinuu akaakuu tokko miti; foon**
**namootaa akaakuu tokko, foon horii kan biraa ti, foon simbirootaa kan biraati, foon qurxummiis kan**
**biraa ti. 40Dhagni warra waaqa irraa jira, dhagni warra lafa irraas jira; ulfinni warra lafa irraa tokko*.**
**41Calaqqifni aduu kan biraa ti, calaqqifni ji’aa kan biraa ti, calaqqifni urjootaa kan biraati, callaqifni urjii**
**tokkoo calaqqisa urjii isa kaanitiin gargar.**

**15:35 “Tokko jechuu danda’a”** kun kan Phaawulos tooftaa barreefamaa ifaata jedhama. Kun kan gaafiitii fi/deebii galumsa Kakuu Moofaa irrattii ammas immoo in argama, Milkiyaasii fi Kakuu Haaraa Roomee fi 1 Yohannis. Kan hojii barreefama dhima mata duree kan dhi’aatu barreessaadhaa fi kan yaadamuu mormaa isaa gidduutti walitti deddeebisuu ta’uu dha. Falmii kanatti kan adeemsiifamuu haga tokko qabatama adda ta’ee dha. Jalqaba obboloonni qoqodoonni kiristaanoota tokko tokkoo du’aa ka’uu in ganu, jedhaniis du’aa ka’uu amantoota hundumaa. Phaawulos amma dbbachaa kan jiru, bifa qaama du’aa ka’uu maal akka fakkaatu gaafii kan kaasanitti.

▣ **“Qaama kamiin dhufa”** gosi tokkoon burqaan rakkinichaa, qaama du’aa ka’uu kan ilaalate, kan du’aa ka’uu, qaama foonii irratti kan jiruu ilaalcha alta’aa dha, mana barumsaa falaasama Girikii tokko tokkootti kan ture. Girikoonni yroo hundummaa wanta harkaan qabatamuu akka hamaatti kan ilaalan (jechuun, Ginoostisiziim) akkasumas sana irra kan hamaatu, qaama foonii mana hidhaa akka ta’ee, kan bara baraa waaqummaa kan callaqisiisuu yookaan lubbuu yookaan namoota hundumaa keessatti. Kun kan aadaa/falaasama (seenaa boodaa)

Ibirawwummaa Phaawulos (jechuun, Faarisummaa), innis qaama, kan foonii, jireenya booda wajjin walitti bu'iinsa kallatti keesa gale.

**15:35-41** Phaawulos itti fufeenya kan qabuu labsii fayyadameera, isaaniis itti fufeenyaa fi, ammayyuu garagarummaa, kan qaama foonii fi kan qaama hafuuraa giddutti kan jiran argisiisuuf.

1. Sanyiin faallaa isaa biqilaa ga'ee, lakk.37
2. Nama faallaa isaa foon bineensaa lakk.39
3. Qaama waaqa irraa faallaa isaa qaama lafa irraa lakk.40
4. Ifa galgalaa faallaa isaa ifa aduu lakk.41

**15:36 "Ati nama gowwaa"** Waaqayyoon akka beekanitti namooti dubbatan, haa ta'uu malee kraa sirrii hin taaneen kan nyaadaniif kan godhan, yeroo hundumaa warra yaada dadhabaatiif amalaati! Kan Phaawulos yaadi ciggoo, irra deddeebi'ee Qoro 1 fi 2, namoota akka kanaa ibsa. Beekumsa akka qaban baay'ee amanatu turan, beekumsa dhugaa utuu ilaalu in danda'iin yookiin immoo utuu in hubatin!

## Mata duree addaa:Nama gowwaadhaaf jecha ta'uu

Deebii kana sobaa fi Kakuu Moofaa Ibirootaa gargaaruuf fuchi jiru.

1. *Kesil*- innis ofitti amanuu barreefama kan ogummaa argisiisa (Fakk 17 fi 26, Lalaba 7)
2. *Hamaa*- innis kan argisiisuu dandeetti sammuuti, akkasuma immoo baay'inaan barreefama ogummaa fayyadama irra oolcha (Isaa 29:11, 35:8, Hosee 9:7)
3. *Nabal* – innis kan argisiisuu sammuu duwwaa kan ta'ee nama (Keessa deebii 32:6, 21, 2Saamu 3:33, 13:13, Faarf.14:1 53:1, Ermi 12:1)
4. *Sakal* – innis kan argisiisuu nama waa hin galeefi dha (1Saamu 26:21, Lall 2:19, 10:3, 14)

Yesus jecha sadii fayyadama, nama gowwaa ibsuudhaaf.

1. *aphrōn*, Luqaa 11:40, 12:20
2. *anoētos*, Luqaa 24:25
3. *mōros*, Maati 5:22, 23:17, 19

Jecha Yesus cimaa ta'ee amala nama tokkoo kan biraatiin argisiisuu kan ilaalate Maati 5:22 irraa argama, innis, *mōros* kan callaqisiisuu jecha Haramaawoota raca, hiikii isaa jireenya kan hin dandeenye.

Phaawulosi Kakuu Moofaa fi Yesus hordofee jecha baay'ee fayyadameera nama gowwaa ibsuudhaaf.

1. *aphrōn*, 1Qoro 15:36, 2 11:16, 19, 12:6, 11
2. *mōros* 1Qoro 3:18, 4:10 fi boca wal fakkaataa Roomee 1:22

Waaqayyoon akka beekanitti kan dubbatan namooti, haa ta'uu malee karaa sirri hin taaneen kan yaadaniif kan godhan, yeroo hundumaa abbaa yaada dadhabaatii fi amalaati! Kan Phaawulosi yaadi ciggoo , irra deddeebi'ee Qoro 1 fi 2, namoota akka kanaa ibsa. Beekumsa akka qaban baay'ee amanatu turan, beekumsa dhugaa utuu ilaalu in danda'iin yookiin immoo utuu in hubatin!

**15:37 "Ati kan faacaftuu yoo du'uu baatee jiraataa in ta'u"** Phaawulos ammas jecha Yesus fayyadamee (Yohaa 12:24). Kunni ta'ii hubannaa fayyadama qooqaati (jechuun, wantoota qaama miiraa shananiin kan ta'an). Kana jechuun ibsa saayinsii miti, haa ta'uu malee dubbii haalaa qonnaati, isa jabaa irraa, sanyii du'aa fakkaatan gara jireenya haaraatti.

"Kana irraa kan hafee" jechi jedhuu kan argisiisuu ramaddii sada hima haalaati, innis gocha cimaa dha.

▣ **"Tarii"** kun kan hin xumuramiin ramaddii arfa kan haalati (14:10). Phaawulos cimsa kan itti laatu sanyi midhaanii adda addaa jiraachuu akka danda'anii dha.

**15:39-40 "Kan biraan…kan biraan"** inni jlaqabaa yeroo afur lakk.39 irratti akkasumas yeroo sadii lakk.41 irratti fayyadama irra ooleera, innis *allos* dha, akkasumas itti fufee kan jiru "kan biraa" yeroo sadii lakk.40 irratti, akkasumas inni *heteros* dha. Isaan lamaan kana giddutti garagarumaan jiru Girikii duriitin adda ba'eera, haa ta'uu malee Konee Girikii wajjin guutu guutuutti utuu in ta'in badeera. Qabiyyee barreefama kanaatiin gara garummaan hafee kan fakkaatu,

1. *allos*, kan biraan wal fakkaataa kan ta'ee (lakk.39, 41)
2. *heteros*, kan biraan gosi adda ta'ee (lakk.40)

**15:40, 41, 43 "Ulifina"** mata duree addaa: ulfina 1Qoro 2:7 irrati ilaali.

## I Qorontos 15:42-49

**42 Ka'un warra du'annis akkasuma ta'uuf jira; wanta badutu awwaalama, wanta hin badnetu kaafama; 43 gad deebiidhaan in awwaalama, ulfinaan in kaafama; dadhabbidhaan in awwaalama, humnaanis in kaafama*. 44 Dhagna fooniitu awwaalama, dhana hafuuraatu kaafama; dhagni foonii erga jiraatee, dhagni hafuuraas immoo jira. 45 Caaffanni qulqulla'aan "Addaam inni duraa foon lubbuu qabu ta'e; Addaam inni lamman immoo hafuura jireenya kennu ta'e" jedha*. 46 Dhagna foonituu dura bu'ee malee, dhagna hafuuraa miti; kana booddee dhagna hafuuraatu argame. 47 namichi inni duraa biyyoo irraa waan uumameef, nama biyya lafaa ti; namichi inni lammaan immoo nama waaqa irra ti*. 48 Warri biyya lafaa akka namicha isa biyya lafaa sanaati; warri biyya waaqa akka namicha isa waaqa irraa sanaati. 49 Bifa namicha isa biyya lafaa irraa akka fudhannee akkasuma immoo bifa namicha isa waaqa irra fudhachuuf jirra***

**15:42-49** Macaafni qulqulluun jireenya kana boodee waa'ee wantoota jiraatanii adda baasee yookaan walitti qabe hin ibsu. Tarii nuyii kan kfee, kan yeroo, ejjeennoo kan biyya lafa hubachuu utuu in danda'in hafnee ta'a. Keeyati kun kan ibsuu qaama du'aa ka'uuti, qaama biyya lafaa wajjin wal bira qabuudhaan amma iyyuu ifaa miti. Jedhamuu kan danda'uu hundumtuu qaamni keenya haaraan jireenyaaf, tokkummaaf, waaqennaa fi tajaajilaaf waaqa keenyaaf bara haaraatti mudaa malee in qophaa'aa. Ilaalcha kanaan bocii sirriin barbaachisaa miti (Fillii 3:21, 1Yoh 3:2).

**15:42**
**NASB, NRSV**
**NJB "Kan baduu….kan hin badnee"**
**NKJV "Kan baduu….kan hin badnee"**
**TEV "Kan du'uu….kan hin dune"**

Jechi kun yeroo hundumaa fayyadama irra kan oolu qabiyyee barreefama wal fakkaatu dha, akka faallaa alta'aati (Room 1:23, 1 Qoro 9:25, 15:50, 53). Faallaa wal cinaa qaama keenya biyya lafaa fi qaama keenya biyya waaqa irraa giddutti akka ta'an hubadhu.

1. Kan baduu faallaa isaa kan in badnee Lakk. 42, 50
2. Salphina faallaaa isaa ulfina lakk. 43
3. Dadhabbii faallaa isaa jabina Lakk. 43
4. Qaama uumamaa faallaa isaa qaama hafuuraa lakk. 44
5. Addaam isa duraa faallaa isaa Addaam isa boodaa lakk. 45
6. Bifa biyya lafaa faallaa isaa bifa waaqa irraa lakk. 49

## Mata duree addaa: Diiguu, balleessuu, dhabamsiisuu (*PHTHEIRŌ*)

Jechi kanaa hiikii hundeen *phtheirō* balleessuu, balleessuu, dhabamsiisuu yookaan miidhuu dha. Innis fayyadam irra kan oolu

1. Horii balleessuu (tarii 2Qoro 7:2)
2. Miidhaa qaama (1 Qoro 3:17A)
3. Baduu safuu (Roomee 1:23, 8:21, 1 Qoro 15:33, 42, 50, Galaa 6:8, Mul'ata 19:2)
4. Miidhaa qunaamtii saalaa (2 Qoro 11:3)
5. Badiisa bara baraa (2 Pheexi 2:12, 19)
6. Aadaa namootaa balleessuu (Qolaa 2:22, 1 Qoro 3:17B)

Jechi kun yeroo hundumaa fayyadama irra kan ooluu qabiyyee barreefama wal fakkaataa akka faallaa alta'aa ta'eeti (Roome 1:23, 1 Qoro 9:25, 15:50, 53). Faallaa wal cinaa kan keenya qaama foonii biyya lafaa fi qaama bara baraa biyya waaqa irraa giddutti akka ta'n hubadhu.

1. Kan baduu faallaa isaa kan in badnee 1 Qoro 15:42, 50
2. Salphina faallaaa isaa ulfina 1 Qoro 15:43
3. Dadhabbii faallaa isaa jabina 1 Qoro 15:43
4. Qaama uumamaa faallaa isaa qaama hafuuraa 1 Qoro 15:44
5. Addaam isa duraa faallaa isaa Addaam isa booda 1 Qoro 15:45
6. Bifa biyya lafaa faallaa isaa bifa waaqa irraa 1 Qoro 15:49

**15:43 “Dadhabbii”** mata duree addaa: dadhabbii 2 Qoro 12:9 ilaali.

**15:44 “Akka”** kan wal qindeessan hawaasa macaafa qulqulluu yaadannoo macaafaa kan Phaawulos isa jalqabaa ergaa Qorontos akka jedhuu, kun ramaddii 1 hima haalaa miti, haa ta’uu malee labsii dhugaati (fuula 361). Ta’es, A. T.Robertson suura jechoota Kakuu Haaraa irratti, inni ramaddii tokkoo kan haalaa ta’uu isaa in cimsa (lakk 197). Seer-lugii saayinsii miti.

**15:45 “Namni jalqabaa, Addaam”** kun seera uumamaa 2:7 kan here dha. Yesus Addaamiin heeruu isaa (Maati 19:4, Marii 10:6, Luqaa 3:38) kan inni argisiisuu seenaa isaati. Yesus ka’umsa hidhata lamaanii kan ta’an Addaamii fi Hewwaan jedhamanii kan waamaman baduu akka ta’ee tilmaamameera. Kan Phaawulosi kan Addaam- Kristosii ramaddii fayyadama lamanuutiin asitti fi Roomee 5:17-21 irratti kan Addaamii fi Hewwaan uumama adda ta’ee in gaafata. Kun uumama boodaa ta’uu danda’a (kan koo Uuma. 11:1-11 kan jiruu ibsa ilaali) www.freebiblecommetery.org, achitis kanaan cimsee biyya lafaa moofaa haa ta’uu malee cina isaatiin immoo uumama Eeden) garuu inni anatti kan fakkaatuu, inni uumama addaa dirqamatti ta’uu isaati.

▣ **“Addaam inni boodaa jireenya kan kennuu hafuura ta’e”** kun dirqamatti kan inni argisiisuu du’aa ka’uu Yesusiti. Kanas jechuun dursa du’aa ka’uu Yesus bifa qaama isaa gannuuf miti, haa ta’uu malee Addam isa duraa innis gochii isaa du’a kan fidee Addaam isa boodaa irraa innis gochi isaa jireenyaa, jireenya bara baraa, jireenya du’aa ka’uun fidee wajjin wal bira qabuuf malee! Kunnis kan Addaam-Kristos Ramaddii dha (Room 15:12-21, 1 Qoro 15:21-22, 45-49, Fillii 2:6-8).

▣ “Jireenya kan kennuu hafuura” kun fakkeenya gaarii dha , qabiyyee barreefama tokko tokkoon waa’ee rakkina jiruu, “Sprit” (hafuura) “s” ta’uu isaa beekuudhaaf (Room 8:9, 2 Qoro 3:3, Galaa 4:6, 1 Pheexi 1:11). Macaafa qulqulluu pneuma jecha jedhuun wantoota adda addaa baay’eedhaaf fayydama. Mata duree addaa pneuma 12:1 irratti ilaali.

**15:46** kun kan gadi bu’ee seera labsii miti, haa ta’uu malee labsii yerooti, innis Addaam isa duraa fi Addaam isa boodaa wajjin kan adeemu (lakk. 47). Jireenyi qaama foonii namaa jireenya qaama hafuuraa namaa dursa!

**15:47 “Namni laman waaqa irraati”** gaalee kana irratti dabalatti baay’een jiru, barreefama Girikitiin. Baay’een kan yaalaan Yesus akka Addaam nama ta’uu isaati, garuu nama irraa kan ol jedhee ta’uu isaa cimsa itti laachuudhaan. Bart D. Ehrman, The Orthodox corruption of Scripture, fuula 94-95, akka yaadutti komiin kun bu’aa jeeqamsa doktriiniti, waldaa kiristaanaa keessatti, barreefamni kun yeroo garagalfaman. Inni yaada isaa kan kennuu dabalatti sun ta’ii jedhee kan gallee dha, ibsi xin-waaqummaa , karaa kallatti barreesitootaa.

**15:49 “Bifa lafaa akka uffanne”** barreefamichi kan godhamee barreesitoota Girikii duriitiin $P^{46}$, a, A, C, D, (kan gochaa kan ammaa bukkeen). Qabiyyeen barreefamichaa waan gaafatuu kan fakkaatuu kan durii barreefama Aleenxaandariyaa B (B) dha, innis “in obsinaa…” jedha ture (jechuun, gocha raajii kan argisiisuu). Isaan lamaan jechii Girikii kun kan dubbifaman wal fakkaataadhaan. Barreefamootni duroii yeroo baayee kan irraa gala galfaman yeroo tokkoo, namni tokkoo bareefamicha sagallee isaa ol kaasee yeroo dubbisuu namooti baay’een isa galagalfame barreeffamee in qopheessu. Haala barumsa Waaqayyuummaatiin raajii kan argisiisuu fillatamaa dha. Kan biroon qabiyyeen barreefamaa gochamni qaban kan raajiiti. Inni ibsa qabiyyee barrefamaati, jajjabeessuu cimaa kan in lane, (jechuun, gocha kan jajjabeessu).

## I Qorontos 15:50-57

**50 Obboloota ko, namni foonii fi dhiigaan mootummaa Waaqayyootti galuu yookiis wanti badu wanta hin badne keessaa hirmaachuu, akka hin dandeenye isinittan hima*. 51 Nuyi hundumtii keenya in geedaramna malee, hin duunuu, dhoksan ani isinitti himuuf jedhes isa kana. 52 Malakannii inni dhumaa yommuu afuufamu, battala liphsuu ijaatti in geedaramna; mallakani in afuufama, warri du’an immoo bifa hin badneen in kaafamu. 53 Wanti hin badnee, iddoo wanta baduu kanaa, wanti hin duunee iddoo wanta du’uu kanaa bu’uutu ta’a*. 54 Wanti hin badne iddoo wanta baduu kanaa yemmuu bu’uu wanti hin duunes iddoo wanta du’uu kanaa yemmuu bu’u, inni “duunni baddu ba’ee, mo’ichi argameera”*. 55 Ammas immoo, “Moo’ichi kee meeree yaa du’aa? Arfiin kees meeree yaa du’aa?” jedhamee caafffamee fixaan ba’eera*. 56 Arfiin du’atti nama oofuu cubbuu dha; cubbuu kan humna godhachiisuus seera. 57Waaqayyo isa karaa gooftaa keenya Yesus Kristos mo’icha nuuf kennuuf immoo galanni haa ta’u**

▣ **15:50 “Foonii fi dhiiga”** kun dubbii haalaa eenyummaati (Maati 16:17, Galaa 1:16, Efe 6:12, Ibii 2:14).

▣ **“Dhaaluu”** kun dubbii haalaa maatiti, Waaqayyoo wajjin kan qabnu tokkummaa dhaabbataa kan ibsu. Kakuu Moofaatti Leewooti lafa bal’aa ta’ee dhaalaan in fudhatan (48 magalaa Leewoota qofa), kunnis Yaahiwween dhaala isaanii akka ta’ee jedhameeraaf. Kakuu Haaraan isa kana kan dabarsee (innis tajaajila Lubootaa baay’ee akka godhuu amantoota hundumaafi dha) mata duree addaa dhaala amantoota 6:9 irrtti ilaali.

▣ **“Motummaa Waaqayyoo”** 15:24 irratti yaadanno jiru ilaali.

**15:51 “Dhoksaa”** itti fufee kan jiru mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa :Kaayyoo oolchuu Waaqayyoo “Dhoksaa”

Waaqayyoo kara tokkoon kan ta’ee oolchuu ilma namaa kaayyoo qaba, kufaati illee dursee (Uuma.3). Cilaancilliin karoora kana Kakuu Moofaatti ibsameera (Uuma. 3:15, 12:3, Ba’uu 19:5-6 fi raajootaan kan jiruu keeyata wali gala). Ta’us, kun qabsiisi wali gala ifaa hin ture (1 Qoro 2:6-8). Dhufaati Yesusi fi hafuuraa Qulqulluudhaan baay’ee ifaa ta’aa dhufe. Phaawulos “dhoksaa” jechi inni jedhuu kan inni fayyadamuu karoora oolchuu wali gala kana inbuudhaaf, innis al tokkoo dhokkatee kan ture, amma guutuu guutuuti mul’ateera (1 Qoro 4:1, Efe 6:19, Qolaa 4:3, 1 Xiimo 1:9). Ta’us, inni kan fayyadamee galumsa adda addaa baay’ee dha.

1. Israa’el muraasa boquu jabeessa ta’u, ormooti akka itti dabalamaniif hiyamuuf. Kun itti yaa’uun ormootaa akka gamnummaatti hojjeta (hinaafaa) Yihudoonni Yesusiin akka Masihiitti akka raajameefitti akka fudhatan (Roomee 11:25-32).
2. Wangeellii ormootaa fi akka beekamuu godhameera, hundumtuu Kristoosi fi karaa Kristoos dhugummatti itti dabalamuu (Roome 16:25-27, Qolaa 2:2).
3. Amantootni deebi’ee dhufuu isaatti qaama haara in godhatuu (1 Qoro 15:5-57, 1 Teso 4:13-18).
4. Wanti hundumtuu Kristosiin xumuramuu isaa (Efe 1:8-11)
5. Ormootii fi Yihudooti wali wajjin dhaaltoota (Efeso 2:11-3:13).
6. Kristoosii fi waldaa kiristaanaa gidduu walitti dhufeenya jiru dhi’eenyaan jecha gaa’ilaatiin ibsameera (Efes 5:22-23)
7. Ormooti saba kakuutti dabalamaniiru, akkasumas hafuurri Kristoos isaan keessa bula, bilchinni Kristoosiin fakkaachuu akka godhatan, innis kan deebi’ee bifa Waaqayyoo nama kufeen (Uumma 1:26-27, 5:1, Qolaa 1:26-28)
8. Yeroo raawwataatti mormituu Kristoos (2 Teso 2:1-11).
9. Waldaan kiristaanaa isheen durii dhoksaa guduunfaa 1 Ximoo 3:16 irratti argama.

▣ **“Hundumti keenya in rafnuu, hundumti keenya garuu in geedaramna”** kun cimsuu kan fakkaatuu deebii isaati jireenyatti kan ta’an kiristaanooni jiraachuu akka danda’aani dha (1 eso 4:13-18). Hiribi macaafa qulqulluu keessatti jecha dhokataa malattoo du’aati.

Phaawulosii amma inni deebi’ee dhufutti jireenyatti akka jiraatu abdii godhata ta’aa laata, yookaas kun kan isa qopheessee “miti” (dhuufatti Yesusitti jireenyaatti kan in jiran 1 Qoro 15:51-52, 1ffa Tesoo 4:15, 17 yookaan deebii Yesusitti warra ka’aan ta’aa, 1 Qoro 6:14, 2 Qoro 4:14, 5:1-10)? Akka kan biroo macaafa Kakuu Haaraa hundumaa fi Yesus, innis isa ulfaata Yesus Kristoosiin harifaate deebi’uu isaa abdii godhatee ture. Haa ta’uu malee yericha kan beekuu abbaa duwwaa dha (Maati 34:26, Maari 13:32, Hoji.erg 1:7). Amantootni tokkon tokkon guyyaa kan jiraatan deebi’ee dhufuu isaa abdii godhachuu ifati, ha ta’uu malee karoorrii hojii irra ooluu mootummaa isaati kan shaakaluu turuu danda’a kan jedhuu dha.

## Mata duree addaa: Yesus yoroo ta’etti deebi’a kan jedhu faallaa isa isa ganaa dha jedhu wajjin (NT PARADOX)

Kan kauu haaraa raawwii keewwataa kan argisiisuu kan Kakuu Moofaa keessatti callaqisiisa, isaanis kan yeroo raawwataa ta’ii waqtoollee in ilaalu.

A. Matii 24, Maar 13 fi Luqaa 21 hiikuudhaaf baay’ee rakkiisaa dha, sababi isaa isaan bukkee isaatiin gaaffoollee baay’ee waan kaasaaniif
   1. Manni qulqullumichaa yoom diigamaa?
   2. Deebi’uun nMasihii mallattoon isaa maal ta’aa?
   3. Addunyaan kun yoom darbitti? (Maatii 24:3)

B. Kan Kakuu Haaraa barri dhummaa keewati yerooo hundummaa badiisaaf kan sagallee raajii qabu, innis ta'ii jedhee qabatamaa kan in ta'iiniif fakkeenya kan godhee.
C. Kakuu Haaraatti keewati baay'een (Maati 24, Maar 13, Luqaa 17 fi 21, 1 fi 2 Tesoo akkasumas Mulata) waa'ee deebi'ee dhuufatti isaa dubbata. Keewatti kun cimsa kan laatan
   1. Dhugaan yeroo sirrii isaa hin baakamu ta'ichii garuu sirrii dha.
   2. Yeroo walii gala isaa beekuu in dandeenya, haa ta'uu malee yeroo adda ba'ee miti kan haala isaati.
   3. Innis akka tasaatii fi utuu in eegamin ta'a
   4. Nutti kadhataan kan guutamnee, qophaa'oo fi amanamoo ta'uutuu nurraa eegama, gocha nuuf kennaaman.
D. Asitti kan Ayaahoota (Paraadoksii) falmii xin-waaqummaa qaba, (1) Yeroo kamiti iyyuu indeebi'a (Luqa 12:40,46, 21:36, Maati 24:27, 44) fi (2) Dhugaan isaa haaloota tokko tokkoo seenaadhaan dirqamatti uumamuu qabuu kan jedhan giddutti.
E. Kakuu Haaraan deebi'ee dhufuu isaa fuula dura haalonni tokko tokkoo akka uumaman in teesisa
   1. Wangeelli addunya maraatti in lallabama (Maati 24:14, Mari 13:10_
   2. Ganuu isa guddaa (Maatii 24:10-13, 21, 1 Xiimoo 4:1, 2 Xiimoo 3:1, 2 Tessoo 2:3,)
   3. "Nama badii" mul'ata (Daani 7:23-26, 9:24-27, 2 Tesoo 2:3)
   4. Inni gufachiisuu dhabamsiifamuu (2 Teso 2:6-7)
   5. Haara'umsa Yihudootaa (Zakka 12:10, Room 11)
F. Luqa 17:26-37, Marriiqoosi wajjin wal cina in godhamne. Innis muraasa walitti qabaa wal cinaa Maatii 24:37-44 qaba

**15:52 "Libsuu ijaatti"** kan afaan ingillii "Atoomi" kan argannee jecha Girikii irattii, hiikii isaas "qoqodamuu kan hin dandeenye"

▣ **"Libsuu ijaati"** kun fayyadama irra kan ooluu kan callaqisuu urjii yookaan kan baalee xiqoo harifatee raafamuu isaati, Yaadii wali galaa jecha lamaan kanaa deebiin Yesus al tokkoo yoo jalqabee baay'ee hariifata ta'ee akka ta'uu dha. Isa dhumaa yeroo rakkata xiqqoo in jiraatu.

▣ **"Fiinoo isa dhumaa"** kun kan kauu moofaa kan bara dhumaakaraa labsuu haalootaati, *shophar* galumsa (jechuun, gaanfa hoolaa gara bitaa, Isaa 27:13, Zakka 9:13, Maati 24:31, 1 Teso 4:16). Innis sirrimatti kan ta'uu fiinoon waaqayyoodhaaf sagallee haalaati (Ba'uu 19:16, 19, 20:18, Mul'ata 1:10). Dabalees sagalee rajootaatiif fayyadama irra oola (Isaa 58:1, Ibiroota 12:19).

## Mata duree addaa: Israa'elootaan fayyadama irra kan oolaan gaafoota

Ibirootaan jechoota afur qaba gaafa irraa/ fiinoo wajjin kan wal qabate:

1. "Gaafaa hoolaa" (BDB 01)/gara meeshaa sagalleetti kan geggeedaramuu Iyaa 9:5. Jecha wal fakkaataa ta'ee, gaafaan kan wal qabatee innis Abrahami Yisihaaqiin kan jijjiree Uuma 22:13 irratti.
2. "Fiinoo" (BDB 1051) –jecha Sooriyaa irraa hoola cakkaa keessa (Ibesi) gaafii kun innis Ba'uu 19:16, 19 Siinaa/Kooreb gaaraa fayyadama irra kan oolee dha. Lakk. 1 fi lakk.2 Iyaasuu 6:5 wajjin wal bukkee dha. Innis fayyadama irra kan oole yeroo waaqeffannaatii fi yeroo loalaa wal fudhachiisuuf (jechuun Iyaarikoo lamanuu turee, 6:4).
3. "Gaafa hoolaa' (BDB 385) –jecha warra Fiinqee hoolaadhaaf 6:4, 6, 8, 13). Innis immoo waggaa Iyoobili'uutiif in dhaabbata Leewota 25:13, 28, 40, 50, 52, 54, 27:17, 18:23, 24). (Isaan sadan hundumtuu osoo jijjiiramanii in mul'atuu gara garummaa tokkoo illee utuu irratti in godhamin. Mishinaayii (RH 3.2) gaafaa horii kamin iyyuu- hoolaa, reetii yookaan agaazeen akka ta'uu hiyama, kan

   sa'aa garuu miti).
4. "Fiinnoowwan"(BDB 348) –kun ta'uu kan qabuu "diriirsuu gochama jedhuu irrati, inni lafee qajeela (akka gaafa horii kan hin jajalatin). Isaan kun kan hojetaman birri irraati (akka boca Gibxiiti fi bifaa kan jiru). Isaan kun fayyadama irrakan oolan
   a. Seera waaqeffannaa wajjin (Seera lakk. 10:2, 8, 10).
   b. Tajaajila loltuutiif (Seera lakk. 10:9, 31:6, Hose 5:8, Hizi 3:10, Naahi 12:35, 41)
   c. Hojii moototaa (2 Moototaa 11:14) isaan kana keessaa 1n fiinoo sibilaa Tiitoodhaan Roomee irrattii heerameera, Yoosefasiis Antiq. 3.12. 6. Irratti heerameera.

**15:54** kun Isaayaas 25:8 kan heeramee dha, innis immoo Maati 5:11, 1 Pheexi 4:14, Mul'ata 7:17, 21:4 irratti heerameera. Lakk.54 fi 55 kan baratamee kan Phaawulosi karaa ceepha'uuti, kan mucaa namaa namaa inni dhumaa diini guddaan –du'a, innis walitti qabatti du'aa ka'uu Yesusiin kan dhabamsifamee, akkasumas immoo duuka buutuun isaa adaba cubbuu irraa bilisa ba'aaniiru, akkasumas isaan mataan isaani du'aa ka'uu tokko in eegu.

**15:55** kun Hosee 13:14 irratti kan heeramee dha, innis saptuwajentiin heeruudhaan kan galagalche. Baay'een luqisiin Kakuu Moofaa Kakuu Haaraa Girikii irraa hiika Kakuu Moofaati. Inni jaarraa tokkootti macaafa qulqulluu ture.

**15:56** lakk.kanaan Phaawulos cimsa kan itti laatuu mucaan namaa Waaqayyoo wajjin walitti dhufeeni inni qabaachaa turee sababa cubbuutiif gargar cituu isaati (Uuma 3, Roome 2-3). Hameenyi kunni miira ormummaa akka nukeessa bulu taasiseera, mataa isaatiif kan nu uume isa irraa.

Cubbuun gara biyya lafaa kan galee fedhii ofitiin kan godhamee karaa aboomamuu diduuti. "seera" jechi jedhuu seera Musee in ilaalatu, wantooti gara Waaqayyootti dhowwuu wali galaati. Nuyii badneera, Waaqayyoo garuu karaa Kristoos tokkuummaa deebisuu fillate. Cubbuun kan balleessee Kristoos deebise, (jechuun Waaqayyoo dhaa wajjiin tokkummaa bara bara, bifi badee haara'ee).

**15:57 "Waaqayyoof galanni haa ta'uu"** kun, Phaawulosi Roome 6:17 fi 7:25 kan iyyee na yaadachiisa. Innis jecha dhokkataa guddaa Phaawulos kan Roomaa lola mo'ichaa, 2 Qoro 2:14 irratti kan jiru, akkasumas kan galataa 2 Qoroo 9:15 kan jiruu haasaa ta'a. Mata duree addaa: galata Phaawulos, kadhataa fi ol ol qabuu 2 Qoro 2:14 irratti ilaali.

▣ **"Mo'ichii karaa gooftaa keenya Yesus Kristoos"** mo'ichii kan argamuu karaa Kristoosii fi Kristoosiin qofa. Inni dur dhufeera! Amantootni Kristosiin guutuu fi mo'icha xumuramee ifa keessa jiraatu!

## I Qorontos 15:58

**58Jaallatamoo obboloota ko, egaa utuu hin socho'in jabaadhaati dhaabadhaa! Itti dadhabuun keessan gooftaa biratti akkasumaan akka hin ta'iin beektanii, yeroo hundumaa hojii gooftaa caalchisaa hojjeedhaa!**

**15:58** Phaawulosi du'aa ka'uu guddaa kanaaf hojii irra ooluu kan tiksee jajjabeessuu ibsa xin-waaqummaa walitti qabata, kunnis osoo achi qabee asi hin qabiinii fi ciminaan guyya guyyaatti jiireenya kiristaanummaa keenyaa kan raawwatu dha. Jireenyi bara baraa kan hubatamuu amaloota qabu tokkoo xiyaafatan ammaa keeyata booz lamaan hordofa, isaaniis akka xiyaafataatti fayyadama irra kan oolan. Isa yoo ilaalee hundumaa in arganna, akkasumas gara mootummaa bara baraati illee baga nagaan dhuftan jenna!

▣ **"Kan irraa hafee"** mata duree addaa 2 Qoro 2:7 ilaali.

## Gaaffoollee maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Lakk. 1 fi 2 kan argaman jireenya kiristaanaa amala afur tarreessii.
2. Lakk. 3 fi 4 irratti kan argaman doktrinii wangeelaa gurguddoo tarreessi.
3. Phaawulos mataa isaa ergamootaa gadi godhee kan lakkaa'ee maaliif?
4. Waldaa kiristaanaa Qorontos amantootni du'aa ka'uu akka ganan kan godhee ka'umsii isaa maalii?
5. Kan Addaami-Kristoosi rimiddiin maalii dha?
6. Warra du'aniif cuuphamuu jechuun jechuun maal jechuu dha?
7. Qaamni du'aa ka'uu kan namaa in ta'aa?

# I Qorontos 16

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Qulqulootaaf buusii buusuu | Qulqullootaaf buusii walitti qabuu | Ergaa isa xumuraa | Kennaa amantoota rakkin keessa jiraniif | Galataaf nagaa |
| 16:1-4 | 16:1-4 | 16:1-4 | 16:1-4 | 16:1-4 |
| Karoora adeemmii | Karoora dhuunfaa | | Karoora Phawloos | |
| 16:5-9 | 16:5-12 | 16:5-9 | 16:5-7 | 16:5-9 |
| | | | 16:8-9 | |
| 16:10-11 | | 16:10-11 | 16:10-11 | 16:10-12 |
| 16:12 | | 16:12 | 16:12 | |
| Nagaa fi gaaffii isa xumuraa | Yadachiisa isa xumuraa<br>16:13-18 | | Jechoota xu,muraa | |
| 16:13-14 | | 16:13-14 | 16:13-14 | 16:13-14 |
| 16:15-18 | Nagaa fi nagaatti waliin jechuu | 16:15-18 | 16:15-16 | 16:15-18 |
| | | | 16:17-18 | |
| 16:19-20 | 16:19-24 | 16:19-20 | 16:19-20a | 16:19-20 |
| 16:21-24 | | 16:21-24 | 6:20 b | 16:21 |
| | | | 16:21 | 16:22 |
| | | | 16:22a | |
| | | | 16:22 b | |
| | | | 16:23 | 16:23 |
| | | | 16:24 | 16:24 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## SEENSA

A. Boqonnaan 15 baay’ee kan ijaaramee falmii xin-waaqummaa ti, dhugaa du’aa ka’uu irratti, boqonnaan 16 immoo kan inni adeemu guyya guyyaati gocha kiirstaanaa irratti yeroo ta’u. Phaawulosi dhugaadhaa fi

jireenya gidduu sosocho'uudhaaf rakkina in qabu. Walitti qabutuu irra jiraata. Kan akka kanaa akka tasaa dhimma mata duree tokkoo irraa gara biraatti naanna'uun amala barreefama Phaawulositi.

B. Bafaata dhimma mata duree gabaaba
   1. Lakk. 1-4 Yihudaadhaaf hiyeesoota walitti qabu
   2. Lakk.5-9 gara Qorontositi deemuu karoora yeroof
   3. Lakk. 10-12 hojeetoota kiristaana kan biroo
   4. Lakk. 13-18 yaadachiisuu isa xumuraa
   5. Lakk. 19-24 dhaamsa nagaa isa dhummaa
C. Walitti dhufeenya Phaawulos, Aqilaa fi Dhirsiqilaa wajjin
   1. Isaan dunkaanaa Yihuudootaa kan hojjeetan turan (yookaan gogaa hojjeetu turan) Roomeeti. Kilaadi'oos bara 49-50 bara haraarati labsii baasee Yihudooti hundumtuu waaqeffannaa seeraan dhorkameera (kunnis, yeroo kanatti tajaajila waldaa kiristaanaas dabalate), akka ba'an aboomeera.
   2. Phaawulosiin Qorontositti argateera Hoji Erga 18:2
   3. Booda irratti isaan gara Efesonitti naanna'aniiru, akkasumas waldaa kiristanaa manaa jalqaban, 1 Qoro 16:19.
   4. Isaannis gara Roomeeti ammas deebi'aniruu, Kilaadihoos erga du'ee boodaa fi labsiin isaa yeroo molqamee bara 54 1 Qoro 16:6

## Qayyabbanna jechaa fi gaalee

### I Qorontos 16:1-4

**[1]Waa'ee horii gargaarsa warra amananii Waaqayyoof qulqulla'aan sanaaf bu'uu immoo, isaanis akkuma ani waldoota kiristaanaa kuta biyya Gaalatiyaa aboomee godhaa! [2]Ergam dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifneeti, sanbata guddaa, torbe dhumma tokkon tokkoon keessan amma wal qixaaxeef buusee walitti haa qabu*. [3]Yeroon dhufus namoota isin nuuf haa dhaqani jetaniif caaffata ittiin beekaman kenneefi, buusii keessan gara Yerusaalemitti akka geessaniifisaanin erga. [4]Ani dhaquun koo barbaachisa yoo fakkaate immoo, isaan ana wajjin dhaquu*..**

**16:1 "Amma kan ilaalate"** "*Peri de*" gaaleen Girikii yeroo ta'uu innis deebii Phaawulos kan beeksisuu dhawaldaa kiristaanaa Qorontos gaaffii Phaawulosiif ergame (7:1, 25, 8:1, 12:116:1, 12).

▣ **"Walitti buusuu"** Logia jechi jedhuu waraqaa Girikii irratti Gibxitti kan argamee yeroo ta'uu akka kennaa horitti, kaayyoo amantaatiif, haa a'uu malee gibira dhaabaataa wajjin wal hin qabatu (Moulton, Milligan, the Vocabullary of Greak Testament (galmee jechootaa Kakuu Haaraa Girikii) fuulaa 377). Phaawulos kana yaaduudhaan kana yeroo kan heeree Yihudaatti kan turan hiyeesoota, Yaaqoob, Pheexiros, Yohaannis fi Baranaabas marii godhee, Galaa 2:10, 6:10 irratti. Kun kennaa addaa jalqabamee kan turee waldaa kiristaanaa Atokiyaati, Phaawulosii fi Baranabaas kan tajaajilan, 11:27-30. Kennaan kun macaafa Kakuu Haaraa baay'eeti heerameera (Roomee 15:26, 2 Qoro 8-9, 1 Qoro 16:1). Innis Ibirootaan waldaa kiristaanaa hosiiftuu waldaa kiristaanaa ormootaa gidduu dhaa walitti firooma ture yaalii chaabbeessuti.

Phaawulos bua'aa waqtillee tokkoo kana maqoota baay'eedhaan waameera.

1. Gargaarsa kennuu (kennaa jaalalaa), Hoji.erg 24:14
2. Tokkummaa 15:26, 27, 2 Qoro 8:4, 9:13,
3. Liqii Roomee 15:27
4. Tajaajila Roomee 15:27, 2 Qoro 9:12

▣ **"Qulqullootaaf"** "qulqullootaaf" (*hogioi*) jecha Kakuu Moofaa irraa ta'ee "qulqulluu" (*Kadosh*) dha innis hiikii isaa "tajaajila Waaqayyootiif adda ba'uu" (1 Qoro 1:2, 2 Qoro 1:1, Room 1:1, Efe 1:1, Filli 1:1, Qolaa 1:2). Innis yeroo hundumaa kan lakk.baay'eeti Kakuu Haaraati, yeroo tokko qofa Filliphusihusitti (4:21) irraa kan hafee achitis taanaan garuu fayyadama irra kan oole tokkummaadhaa. Fayyuu jechuun amantiidhaan hawaasa kakuchaa, miseensa maatii amantootaa ta'u dha.

Sabi Waaqayyoo qulqulloota, tola Yesus irraa kan ka'ee (Roomee 4, 2 Qoro 5:21). Isaan jireenya qulqullaa'ee ha qabaataniif fedha Waaqayyooti (1:4, 4:1, 5:27, Qolaa 1:22, 3:12). Amantootni lamaanuu tolaa akka ta'an kan ittin labsan (ejjennoo qulqulla'oo) fi kana waamaman tooftaa jireenya qulqullinaa itti fufeenya kan

qabu qulqullina dha, tolaa ta’uu fi qulqullaa’uu dirqamatti wali wajiin qabutuuirra jiraata! Mata duree addaa qulqulloota 1 Qoro 1:2 fi qulqullaa’uu 1 Qoro 1:2 irratti ilaali.

▣ **“Waldaa kiristaanaa Galaatiyaa akka an aboome”** Phaawulos waldaa kiristaanaa Qorontos bifa adda ta’en in qabne. Galumsa dhaabbataa ta’etu ture (4:17, 7:17, 11:34, 14:33, Tiitoo 1:5) kennaa kana irratti. Phaawulos waldaa kiristaanaa Galaatiyaa kana irraa wajjin akkamitti akka dubbate in beeknu. Akka dhugaa isaa yoo ta’ee jechi kun kan inni argisiisuu waldaa kiristaanaa ishee kam akka ta’ee sirritti beekama miti. Tokko tokkoo kana kan heeru godina Roomee yeroo ta’uu kan biraan kan yaadamu garuu kan afaani yookaangaree gosaati.

▣ **“Waldoota kiristaanaa”** mata duree addaa 1:2 irratti ilaali.

**16:2 “Torban torbaniin guyyaa jalqabaa”** waaqeffannaan akkasii kan godhamee du’aa ka’uu Yesus yeroo duraati, sanbata guddaa galgala ta’uu isaa hordofee (Yohaa 20:19, 20). Inni gara guyyaa waaqeffannaa dhaabataati guddachaa dhufee. Wali wajjin kan walitti qabamtee waldaan kiristaanaa (Hoji.erg. 20:7, Mul’ata 1:10). Sanbata guddaan turban jalqabaa guyyaa hojii ture, hagaa Qosxeninxinositi (bittaa Roomaa bal’aa mootii mootootaa 306-337 bara haaraara). Kiristaanoonni sanbata gudda sanbata guddaa hojii fuuldura wal arguu turan, waaqeffannaadhaaf, lallabaaf, fi irbaata gooftaaf.
Geggeesitooti Yihudoota kufaatti Yerusaaleem booda bara haraaraa 70 deebi’aani ijaaramani haara’umsa baayee kabajan. Isaan kana keessaas kakaa tokkoo ture, innis Yesusin abaaruu fi akka Masihiiti fudhachuu dhiisuu ture. Amantootni durii galma waaqennaati guyya sanbataa walitti qabamuu turan, akkasumas sanbata guddaa waldaa kiristaanaatti kan ta’ees ta’ee kakaan kun gargar cituu fidee, amantootni waaqeffannaa sanbata guddaa guyyaa godhanii mogaasan.

▣ **“Tokkoon tokkoon irraa hanbisee haa kaa’uu”** kun gocha xiyaafataa ammaati, keeyatti gocha ammaa gochama hordofee, innis akka xiyaafaataatti fayyadama irra kan oole. Keeyati kun kan argisisuu kan fakkaatuu, turban jalqabaa akka dhufeen tokkon tokkoon nama dhuunfaa kennaa isaa bakka gaarii mana keessa kaa’aa, booda irratti waldaan kiristaanaa fudhachuudhaaf. Ta’es dhugaan isaa sanbata guddaa kan jedhuu yaadi wali gala isaa guyya guyyaati horii walitti qabaniin yeroo waaqeffannaa torbanitti akka baasaani dha (Justin Marteyr, Apology (dhiifama) 1:65-68). Lakk.gabaabaan kun 2 Qoro 9 fi 10 wajjin wal makee Kakuu Haaraadhaaf kennuu hundee qajeelfamaa akka nuuf kennuu hubadhu (1)dhaabataati (2)akka dursuuti (3)fedhaan (4)gammachuun, fi (5)irraa jalaan (akka mijateefiti).

Ajaa’ibsisaa kan ta’uu barreefamni Kakuu Haaraa waa’ee kennaa dhaabbataa kiristaanaa ibsuu dhiisuu isaaniti. Phaawulos jecha jajabinaa fi akka ta’utti kennaa yeroo tokkoo kan ta’ee waldaa kiristaanaa ormootaa waldaa kiristaanaa hoosiftuu Yerusaaleem qophaa isaa qajelfama. Dhimma mata dure kanaa wajjin kan wal qabate. Kiristaanonnii kan hubatani waan tokko illee akka hin qabneeti ta’uu isaaniti, akkasumas qabeenyaan isaan qaban hundumtuu soortuu dha. Hubannoon kun kan Kakuu Haaraa “kan kurnoo” yaad-rimee caala. Sirritti dhugaa kan ta’uu xiyaafannoon nama tokkoo yaadannoo qabsisa isaatii fi lakk.guyyaa isaa ilaale dubbachuu danda’uu isaati! Kennaan kiristaanaa laphee irraa kan madee malee maashiini herregaa (kan herregaa) miti!

## Mata duree addaa:Kurnoo

Kun kurnoodhaaf qophaa isaa waabii Kakuu Haaraati. Kakuu Haaraan kurnoo kan barsiisuu nuti hin fakkaatu, sababi isaa kun wli gala yoomii fi eessaati “cittuu mataa” mormuu isaa, seera qabeessummaa Yihudootaa fi tola mata ofi. Qajeelfama Kakuu Haaraa nan amana dhaabataatti waa’ee kennuu (kan argamuu yoo ta’ee) kan argamanis 2 Qoro 8 fi 10 nidha, inni kurnoo irra darbee kan deemu! Yihudiin tokkoo ragaa Kakuu Moofaa qofa qabaate 10-30ti dhibba keessaa akka kennuu yoo gaafatamee (lama, tarii kan aboomaman kurnoo sadii Kakuu Moofaatti argamu), isa irraas kiristaanoonni caalaa kennutu irraa eegaama, keessumati waa’ee buusii dubbachuudhaaf yeroo in balleessan.

Amantootni Kakuu Haaraa of eegachuutu irra jiraata, kiristaanummaa gara raawwii seera haaraatti kan xiyaafatuu (talmuudii kiristaanaa) akka hin jijjiree. Waaqayyoon gammachisuun hawwii isaanii tokkon tokkonii fi qajeelfama naannoo jireenyaati akka barbaadan isaan godha. Haala xin-waaqummaa tiin seera Kakuu Moofaa harkisuun bal’adha, isaanis Kakuu Haaraati kan in jabbaanee (Hoji Erg. 15) akkasumas safartuu kaanoon gochuu fi, keessumati isaan (lalabdoota ammaayyaati) yeroo gaafaataman, sababii badiisaa yookaan kan sooromaa abdii akka ta’aani (Milki 3).

Asitti luqisii gaariituu jira Frank stagg, New Testament Theology, (xin-waaqummaa Kakuu Haaraa fuulaa 292-293 “Kakuu Haaraan al tokko ayyaana kurnoo kennuu akka ta’ee wal hin barsiifne. Buusiin kakuu

haaratti yeroo sadii qofa heerameera (1)Farisoota mormuudhaaf, murtii, haraara, fi amantii laafisanii wanta adda taatee xixiqoo kununsuu buusiidhaaf kennuu isaanii, ija mana duubaa illee utuu hin hafiin (Maati 23:23, Luqaa 11:42), (2)Farisicha isa of jajaa yeroo saaxilletti, innis 'mata isaaf kan kadhatu' of jajaa torbanitti guyyaa lamaa soomuu isaa, akkasumas qabeenya qabuu hundumaa irraa kudhan keessaa tokkoo akka baasuu (Luqaa 18:12) fi (3)guddummaa Malkeestadiiq yeroo ibseeti, fi Kristos Leewota irraa (Ibi 7:6-9).

"Yesus kurnoo mirkaneessuun isaa ifaa dha, akka seera mana qulqulluumaati, akka geggeessaa fi shaakala, wali galaa kan mana qulqulluumaa fi shaakala iddoo waaqeffannaa degeruuf. Haa ta'uu malee wanti tokko illee kan argisiisuu in jiru, seera mana qulqullummaa isa kam dirqamaan itti fufee kan jiruu irratti kan ta'e. Buusiin irra guddaa kan godhaman, dursa mana qulqullumaatti in nyaatuu turan, buusii isaa kan dhi'eesuu booda turee immoo lubootaan nyaatamuu jalqabe. Kakuu mofaatii kan tolfame kurnoon kan seera amantaa qofa ture kan raawwatamu, innis naanoo seera aarsaa horitti kan ijaarame.

"Kiristaanoonni baay'een kurnoo kan fudhatani kennaadhaaf ta'uu akka qabuu fi akka hojjetu karoora. Isa boodas taanaan dhiibbaa kan qabuu fi seera qabeessa ta'uu isaa irra hin jiraatu, karoora nama gammachiisuu ta'uu qaba. Ta'us, kurnoon tokkoo Kakuu Haaraadhaaf akka ta'uu kan yaadamee jedhee cimee falmuu in danda'u. inni beekmtii kan qabuu waaqeffannaa Yihudootaati (Maati 23:23, Luqaa 11:42), haa ta'uu malee kiristaanoota irratti fe'amuun irra hin jiraatu. Dhugummatti amma Yihudootaafis ta'ee kiristaanootaaf yaada Kakuu Moofaaatiin kurnooo raawwachuun in danda'ama. Ar'a kurnoon seera waaqeffannaa durii bifa dhadhabee dha kan fakkaatuu, innis kan Yihudootaa seera aarsaa kan fakkaatu."

Phaawulos ibsa isaa in guduunfa.

"Fedhaan waa'ee kurnoo baasuu baay'een yoo jedhame iyyuu, tokko boquu jabeessa osoo hin ta'in akka kennuu safartuu jedhuun kiirstaanoota biraa irratti safartuu jedhuuni akka safartuutti fe'uun tokko baachuu kan in dandeenye shaakala akka itti fe'uuti, shaakala Kakuu Moofaatiin. Keessumati tokko fagootti kan itti fakkaatuu kan Kakuu Moofaa shaakala kurnoo akka hojjetu gochuu dha, innis mana qulqulluummaa gargaaruuf kan godhamuu gibiraa fi seera lubootaa, kan gamtaaatii fi kan seera amantaa, isaanis isa booda kan hin jiraanneef. Maabaan Yihudootaatti dirqamsiisaa turan, akkuma gibiraa hagaa manii qulqullimichaa diigamuti, waggaa haraaraa bara torbaatama haa ta'uu malee isaan kiristaanoota irratti dirqamsiisaa hin ture.

Kurnoon kun gatii dhabsiisuu miti, haa ta'uu malee firoomni inni Kakuu Haaraa wajjin qabu ifa gochuudhaaf malee. Innis fooyesuudhaaf, Kakuu Haaraan dhiibbuudhaan, seera qabeessuumaan, bu'aa barbaachaani fi wali galteen akka hin godhamne, kunnis bara kanatti yeroo hundumaa kurnoon nyeroo gaaffatamuu akkuma godhamuu amala jiru. Akka fedhaani seera buusii baay'eeti kennama, haa ta'uu malee ta'uu kan qabuu ayyaanaaaf fayyuu isaati kiristaanaa kan ta'ee akkuma kana. 'In hojjeta' kan jedhuun gaaffachuun kan biyya lafaa yaalii hojii irra oolchuu dhaaluu qofa. baay'ee 'hojjiiwwan) kiristaanoota miti. Kurnoo, xin-waaqummaa Kakuu Haaraa wajjin akka wali galuu yoo ta'ee, dhaababachuu kan qabuu ayyaanna Waaqayyootii fi jaalalan.

▣

**NASB, NKJV "Akka mijateefitti"**
**NRSV "Akka bu'aa argateetti"**
**TEV "Akka irraa jalaan argameeti"**
**NJB "Tokkon tokkoon akka isa mi mijateeti"**

Kun akkuma jirutti "akka qajeeleti" dha (A. T. Robert Son, Word Pictures in The New Testament, suuraa jecha Kakuu Haaraati) akka jedhutti , "*eudōtai* " boci seer lugaa sirritti hin beekamuu hojii irra kan oole ammaatiin cina xumuraman hojii irra oolee kan argisiisuu yookaan akkasumas xurama hojii irra oolee cinaan ta'uu isaa" fuula 200). Kun dubbii haalaa Girikiiti tokkoo gammadaa, deemsa milkaa'ee akka deemuu (kayyoo daldalaaf). Phaawulos isa kan fayyadamee kennaa geggeesssuu kiristaanaatiif (jechuun, akka dandeeti keessanitti, 2 Qoro 8:3, 11).

▣ **"Waan ta'eef ani yoo dhufuu waantokkoo illee baasuu akka hin taaneef"** Phaawulos yeroo hundumaa of eegataa ture, qabaa horii sirridhaaf. Inni tarii (1)naanoo kanatti rakkinoonni guddaachaa dhufuu isaanii ilaaleera yookaan (2) dhuunfaa isaatti naannoo kanatti komatamee ta'a. inni waldaa kiristaanaa irraa yeroo sanatti kan isaani wajjin hojjetii horii tokko illee hin fudhannee, akkasumas immo kenaan kun gara Yerusaalemitti yeroo

fudhatamuu bakka bu'oota waldoota kiristaanaa adda addaatii fi akka hiri'ooman ta'eera. Inni mataan isaa deemuu isaatii fi sirritti in beekuu ture (lakk.4).

**16:3 "Isin nama amantan, kennaa keessan haa fuudhaanniif xalaayaa qabsiisee nan erga"** lakk. kunnii wal makaa ajaa'ibsiisaa dha, taayitaa ergamummaatii fi taayitaa miseensa amantoota. Ajaja xalayaa eenyu akka barreessee wwan wal falmisiisuu dha, Phaawulos yookaan waldaa kiristaanaa (Hoji.erg. 18:27). Haala seer-lugaatiin lachanuu in danda'u. hiikii Kingi Jamsii RSV waldaa kiristaanaa akka taatee yeroo yaadan, Willi'ans Kakuu Haaraa, TEV, NIV, NJB fi REB Phaawulos akka ta'ee yaadu. Phaawulos, waldaan kiristaanaa bakka bu'aa ishee waliin akka ta'an akka fillatuu barbaadeera, yaada hamaadhaan akka in komatamne, yeroo baay'ee waldaa kiristaanaa keessatti akkuma godhamuu (9:3-18).

Phaawulos yeroo baay'ee xalayaa ajajaa hidhata hojii isaatti in barreessa (Room 16:1, 2 Qoro 3:1, 8:18-24 fi kan biraa fakkeenyoota Hoji.erg. 9:2, 22:5, 3 Yohaanni). Phaawulos yaad-rimee kanaa dubbii haalaatiif fyyadama irra kan oolee 2 Qoro 1 irratti dha. Kan isaa kan qoqodaman waldaan kiristaanaa ajaja ergaa isaa akka ta'an. Walumma gallatti ergaman Yohaannis immoo isuma kana ergaa wal fakkaataa ta'ee fayyadameera (3 Yohaa 9). Yaadi kuni, tooftaan isaa waldaan kiristaanaa durii kan naanna'uu tajaajila wangeelaa ishee karaa ittin jabeesitu ture.

**16:4 "akka"** kun ramaddii sada hima haalaatti kun ramaddii 3 jecha kan ta'ee.

▣

**NASB** **"deemuun kan irra jiraatu yoo ta'ee"**
**NKJV** **"Deemuu kanan danda'uu yoo ta'ee"**
**NRSV** **"Yoo danda'aamee"**
**TEV** **"Kan fayyaduu ta'ee yoo argamee"**
**NJB** **"Deemuun koo yoo barbaachiise"**

Kun kan wajjin deemuu kan fakkaatuu (1)haga kennichaa (2)kennaa kana jalqaba kan bakka bu'an, yookaan (3)kan Phaawulos barbaacha waldaa kanaa, isheennis taayitaa isaa irratti rakkina kana fakkaatu kan qabduu isaaf ga'ee ta'uu fi amanamummaa beekamtii kennuuf..

## I Qorontos 16:5-9

**[5]Ani karaa Maqedooniyaa dhaquu waanan yaadeef, biyya Maqeedoniyaa sana keessa ergan darbee booddeee gara keessan nan dhufa.[6]Isin biras nan turan ta'a, isin immoo gargaatanii iddoo dumman dhaqutti akka na ergitaniif, tarii ganna guutuu iyyuu isin bira nan ba'a*. [7]Ani millaana argaa karaa irra isin arguu hin barbaadne yoo gooftaan jedhee takkan isin biraa akkan turuu nan abdadha*. [8]Amma guyyaa Pheenxeeqoosteetti garuu, mandara Efesoon keessa nan tura. [9]Warri ittiin morrman baay'een yoo jiratan iyyuu, hojii guddaadhaa fi hojii waa'ee baasuu hojjeechuudhaf karaan anaaf banameera*.**

**16:5-9** Phaawulos Efeson irraa barreessaa jira, adeemsa misi'oonummaa isaa sada. Innis booda irratti waraansi garee irraa kan irra ga'ee, waldaa kiristaanaa Qorontositi, "jijjirama akka tasaa" kan jiruu harkifataaan karoora deemsa (2 Qoro 1:15). Inni duraan dursee deemsa gaalaana irraa gara Qorontos deemuu yaadee ture, isa irraas kara Meqedooniyaa darbuuf, haa ta'uu malee baay'ee turuu yoo barbaadee karaa lafaa deemuuu murteessee, duraan dursee karaa Meqoodoniyaa isaa irraas gara Qorontositi. Ganicha achitti dabarse (Hoji.erga 2, 3). Tokko tokko waldaa kiristaanaati, karoora deemsa Phaawulos murteesuu dhiisuu isaa, xin-waaqummaa isaa waraanuudhaaf itti fayyadamaniiru (jechuun, wangeela).

**16:6 "Isin garan deemuu gara bakka kamiin hundumaa"** *propempō* gochamni jedhuu fayyadama irra kan oolee akka jecha ogumaati, naanna'uu tajaajilaa Waaqayyoo fi kan ittiin deeman fedhakan ta'uu kennuu fi (lakk.11) "isaan ergamuu" Hoji. Erg. 15:3, Room 15:24, 2 Qoro 1:16, Titoo 3:13, 3 Yohaa 6).

**16:7 "Gooftaan yoo jedhee"** kun ramaddii sada hima haalaati, hiikii isaas gocha cimaa kan ta'e. kun kan waaqeffannaa gaalee seeraa miti. Kiristaanoota Kakuu Haaraatiif. Isaan tankarfiin isaanii garummaa fi gooftaadhaan akka geggeefamu in amanu (Hoji.erg 18:21, 1 Qoro 4:19, Yaaqo 4:14, Ibir 6:3).

**16:8 "Pheentakoosxee"** jechii kun yeroo baay'ee hiikii isaa "shantamaffa" dha. Innis kan Yihudootaa ayyaanna sasabii qamadii argisiisa (jechuun, ayyaana torbanii, Seera lakk.. 28:26) innis ayyaannaa maxinoo irraa guyya lamaa guyyaa shantama boodaa ta'a (jechuun, Nisan 16). Qabiyyee bareeffama kanaatiin inni fayyadama irra kan

oolee kan fakkaatuu guyyaa karoora deemsa Phaawulos malee, Phaawulos amasi guyyaa ayyaanoota Yihudootaa kana in cimsa jechuu miti.

**16:9**
**NASB** **"Tajaajillii ija qabeessii kan itti baay'ate balbali bal'aan naaf banameera"**
**NKJV** **"Inni guddaanii fi balballi bu'a qabeessii naa banameera"**
**NRSV** **"Hojiin bu'a qabeessii kan itti baay'aatee balballii bal'aan naa banameera"**
**TEV** **"Isa guddaadhaa fi hojiin faayidaa qabuu carraan dhugaa ta'ee as jira hooti"**
**NJB** **"Baay'ee abdii kan kennuu kan ta'ee balballii naa banameera"**

Kun gocha xumuramee kan argisiisuu dha "balbala" fayyadamni jecha jedhuu, akka dubbii haalaatti carraadhaa fi Kakuu Haaraaf kan baratamee dha (Hoji.erg. 14:27, 2 Qoro 2:12, Qolaa 4:3, Mul'ata 3:8).

## Mata duree addaa: "Balbala" jechi jedhuu fayyadama Kakuu Haaraatti (Kakuu Haaraa)

Kakuu Haaraa "balbala" bifa adda addaatiin fayyadama.

1. Hiika akkuma jirutti
   a. Kan manaa, Mati 6:6, Maari 1:33, 2:2, 11:7, kutaa irra keessaa Yoha 20:19, 26
   b. Mana qulqullummaa Hoji.erga 3:2, 21:30
   c. Kan mana hidhaa Hoji.erg. 5:19, 3, 12:6, 16:26-27
   d. Kan awaalaa Maatii 27:60, 28:2, Maari 15:46, 16:3
   e. Kan dallaaYohaa 10:1, 2
   f. Kan mana murtii Yohaa 18:16, Hoji erg. 12:13
2. Dubbii haalaa
   a. Kan dhi'eenya yeroo Maati 24:33, Maari 13:29, Hoji.erg. 5:9, Yaaqqob 5:9
   b. Gara amantii dhugaati galudhaaf kan dhorkuu Maat 7:13-14, Luqaa 13:24, Mul'ata 3:20
   c. Amantii fayiissuu carraa balleessuu Maati 25:10, Luqaa 13:25, Mul'ata 3:7
   d. Carraa amantii fayyisuu Hoji.erg. 14:27, Mul'ata 3:7
   e. Carraa tajaajilaa 1 Qoro 16:9, 2 Qoroo 2:12, Qolaa 4:3, Mul'ata 3:8
   f. Mul'ata Mul'ata 4:1, 19:11
3. Waamicha Yesus Yohaa 10:7, 9

▣ **"Mormituunis baay'eedha hoo"** carrraan Waaqayyoo yeroo hundumaa mormituudhaani marfama. Seenaa yoomii fi eessaa adda addaa Hoji. Erg. 19:19-20, 20:19, 23.

## I Qorontos 16:10-11

**10 "Xiimootihos yero dhufuu, innis akkuma koo hojii gooftaa waan hojjetuuf, akka of irraa bu'aa isin bira buufatu godhaa! 11Namni tokko illee isa hin tufatin! Ani obbooloota wajjin isin eegaa waanan jiruuf, nagaadhaan na bira akka dhufuuf isa gargaaraa!**

**16:10 "Akka"** kun ramaddii sada hima haalaati hiikii isaas gocha cimaa kan ta'e. innis kan fakkaatuu Phaawulos duraan dursee Ximootihoosii fi Iraasxaasimii erguu isaati (Hoji.erg. 19:22) akkasumas immoo Titoos (2 Qoro 2:13, 7:6, 7) gara Qorontositi, karaa lafaatiin. Innis ergicha karaa galaana irraa ergeera, dursee akka ga'uuf.

▣ **"Isinii wajjin soda malee akkan jiraadhuu godaa**" Phaawulos kana kan teessisee bifa ajaajati (jechuun, xiyaafataa gocha ammaa). Inni dhuunfaa isaatti waldaa kiristaanaa jaallachuu dhiisuun maal akka ta'ee beeka. Dargageessii gargaartuun isaa sababi inni barbaadneef (1)ummurrii isaatti (2)eenyummaa isaati, yookaan (3)Phaawulos irratti aarii qabanii dha (lakk.11).

**16:11**
**NASB, NKJV**
**NRSV** **"Kanaafis namni tokko illee hin tufatin"**
**TEV** **"Namni tokko illee gadi qabee in ilaalin"**
**NJB** **"Namni tokkoo illee in tufatin"**

Gochi kun kan ammaatiin wal cina innis hiika akkuma jirutiin "mudaa malee waan tokko illee gochuu" (1:28, 1 Xiimoo 4:12, Titoo 2:15).

▣ "Obboloota wajjin" kun eenyuun akka hammatuu sirritti in beeknu. Inni tarii ta'uu kan qabuu Iraastasi dha (Hoji.erg,. 19:22 fi Titoo, 2 Qoro 2:13, 7:6-7), garuu kan biraa eenyuu akka ta'ee beekamti in qabu.

## I Qorontos 16:12

**[12]Waa'ee obboleessa keenya Aphilos immoo, inni obboloota warra kaani wajjin dhufee akka isin ilaaluuf ani deddeebisee isa gorsan ture inni garuu amma gara keessan dhufun raawwatee jaalala isaa in taanee; yeroo isaaf wayyuti garuu dhufuuf jira*.**

**16:12 "Kan ilaalatee garuu"** kun deebi biraatti, waldaa Qorontositti kan gaafate (7:1, 25, 8:1, 12:1, 16:1, 12).

▣ **"Aphiloos"** kun baay'ee kan baratee fi lallabaa dubbii midhagaati (Aleenxaandariyaan Gibxii irraa). Duraan dursee Qorontosiin ture (Hoji.erga 18:24-19:1), haa ta'uu malee deebi'uudhaaf dideera (16:12).

▣ **"Amma dhufuudhaaf raawwatee fedha isaa hin ture"** barreefamichi hiikamuu kan danda'uu karaa lamaan (1)kan dhufuu Aphilosiin akka hin taanee yookaan (2)dhuufaatiin isaa fedha Waaqayyoo akka hin taane. Lakk.kana irraa inni kan fakkaatuu Aphiloosi Efesonitti Phaawulosiin yeroo hasoofsisee gadi dhiisuu isaati, akkasuma s xalaayaan kun yeroo barreefameetti dha.

## I Qorontos 16:13-14

**[13]Damaqaa, amantitii cimaati dhaabaadhaa! Ija jabeeyyii dhaaf jajjaboo ta'aa! 14Waan hojjeetan hundumaa jaalalaan raawwadhaa!***

**16:13:58** inni jalqabaa arfan ramaddii sada kan lakkoofsa baay'eeti, haala loltummaatin. Inni dhummaa raddadii 2n lakk.qeentee dha, innis waldaa kiristaanaa ishee walitti qabamtee kan dubbatuu fakkaata.

**16:13**
**NASB "Damaqaa"**
**NKJV "Eegaa"**
**NRSV "Damaqaa"**
**TEV "Damaqoo ta'aa"**
**NJB "Damaqoo ta'aa"**

Kun jecha xiyaafataa ammaati. Kan isaa hiikii hundee qabeessi damaquu dha "eegaa" miira jedhuun (Maatii 24:42, 25:13, 26:38, 40, 48, Maari 13:35, 37, 14:34, 37, 38). Phaawulos of eegaachiisaa kan jiru damaqoodhaaf kan eegaan akka ta'aani dha, haafurrii munaafaqaa qoqooduun, safuu malleessumaa fi of jaju.

▣
**NASB, TEV "Amantitii cimtanii dhaabadhaa"**
**NKJV "Amantitii cimaa dhaabaadhaa"**
**NRSV "Amantii keessanitti cimaa dhaabaadhaa"**
**NJB "amantitii cimaa turaa"**

Kun kan biraa xiyaafata gocha ammaatti. Kun jecha loltuuti, bakka nama biraa qabachuu. "Amantiidhaan" kan argisiisuu dhugaa kiristaanaa yookaan dooktiriinni kiristaanaatti (Yihuudaa 3, 20).

Mata duree addaa Cimina (*Histēmi*) 15:1 irrati ilaali.

▣ **"Jabaadhaa"** kun kan giddu galleesa ammaa (kan mirkaneessuu) xiyaafaata dha. Kun qophaa isaa kan kauu haaraa fayyadama jecha kanaati. Innis *anēr*, jechi jedhuu bifa gochamaatiin, hiikii isaa nama gahaa yookaan abbaa manaa. Inni LXX Iyaasuu 1:6 irratti argama. Kan saalaa miti (jechuun, dhiira duwwaadhaaf kan heeruu), haa ta'uu malee waldaa kiristaanaa hundumaa jajjabeesuudhaaf, akka ta'utti akka hojjettu akka warra bilchaatanii fi amantoota ija jaboota.

▣ **"Cinaa"** kun hojii irra kan oole xiyaafataa ammaati.

## Mata duree addaa: Cimina

Jechi kunni (*krataioō*) sagallee hojii irra ooleen fayyadama Kakuu Haaraa irratti kan oolee yeroo baay'eedhaaf miiraa adda addaatiin,

1. Guddina qaama Yesus, akka mucaa namaatti, Luqaa 1:80, 2:40

2. Hafuura qulquulluudhaan cimuu amantootaa Efe 6:16
3. Amantootni amantaa isaaniti cimoodhaa fi gahoo akka ta'anii dha, waldaa Qorontositti kan turee wallansoo keessa 1 Qoro 16:13

**16:14 "Wanti gootan hundumtuu jaalalaan haa ta'uu"** barreefama Girikitiin fuulduratti godhamuun cimsaaf ta'uu isaa hubadhu. Haala aadaa fi amantadhaan, damaqaa, baay'ina kan qabuu fi rakkina kan qabuu akka bakka Qorontos jaalallii isa guddaa dha. Kun kan biraa gidduu galleessa kan ammaati (kan mirkaneessuu) xiyaafataa. Ortochodoxy fi orthopraxy (kallatiidhaan) ta'e (orzipiraazi) jaalalli yoo in jiree fedha Waaqayyoof ta'ee karaa miti (14:1)! Isa galmeessuuf rakkisaa dha, galumsa isaa (kiristaanootaaf) akka raawwiitti isa guddaa dha.

## I Qorontos 16:15-18

**[15]Ammas obbola ko, maatiin Isxifaanoos Akaayaa keessaa amantoota warra jalqabaa akka ta'an in beektu; isaan warra Waaqayyoof qulqullaa'aaniif hojjeechuuf of kennan turan*. [16]Namoota akkasitiif, hojiitti hidhata isaanii isa ta'eef, isa itti dadhabeef hundumaaf adduma addaan, ulfinnii isaaniif ta'uu akka kennitaniif isinin kadhadha*. [17]Isin qaqabuu dadhabnaan Isxifaanoos, Fortunaaxoos, Akaayiqosis iddoo keessan waan dhufaniif ani gammadeera*. [18]Akkuma garaa isinn ciibsan, garaa na ciibsaniiru; hojii warra akkasii immoo galateefatani beeksisuun in ta'a*.**

**16:15 "Isinan yaadachisa"** kun lakk.16 wajjin kan nadeemuu dha. Phaawulos yaada hammatuu galcheera, waa'ee maatii Isxifaanoos.

▣ **"Obboloota"** NRSV "obbootaa fi obboleetewwaan" kan jedhu qaba, kun kan Phaawulos yaada keessa argisiisa, waldaa kiristaanaa hundumaati fi kan inni qabu. Phaawulos jecha kana ergaa isaa keessatti, dhimmaa mata duree haaraa wal barsiisuudhaf yookaan dhi'eessuu isaa ijaaruuf itti fayyadameera.

▣ **"Maatii Isxifaanoos"** isaan kun geedaramsa duraa (jechuun, angafa) walummaa galatti geggeesitoota waldaa kiristaanaa hosiiftuu turan. Phaawulos kan biroo amantoota duraa Hoji.erga 17:34 irratti heerera.

"Kan maatii" yeroo tokkottii jijjiiruun yaad-rimeen isaa kan ilaalamuu mataan maatii yeroo jijiiramuu dha (Qoroneli'oos Hoj er. 11:14-17, Lidiiyaa Hoji.erga 16:14-15, mana hidhaa egduucha Filliphuus Hoji. Erg. 16:31-33) yeroo baay'ee abbaa wangeelaatiif rakkisaa dha, nama dhuuntii fi cimsa jijiiramuu kan kennan. Aadaan amma iyyuu isa guddaa dha, amantii maatii akka hojjeetuu gargaaruu qofaaf osoo hin ta'iin garuu mmoo amantiin qomoosi. Waaqayyoo in daangeefamuu yookaan kan in dandeenye in ta'u tokkoon warrii ammaayyaa Lixaa dhuunfumaa! Kun nuuf dhiphummaa safartuu dha.

"kan maatii" yaad-rimeen jijjiraamaan kutaa amantii cuuphaa maatii cimsuudhaaf fayyadama irra oola. Seera dhagna qabaa Israa'eel yeroo hundummaa kan inni galmaa'uu ijoollee guyyaa sadeetti maatii Israa'eellii wajjin wal makuu isaaniti. Tarii haala macafaa qulqulluutiin dhimmi jalqabaa ilaalamuu kan qabuu isa dhummaa irraati. Amantii dhugaan in guddata, in gaaba, in amana, in ajaja,ma, in jabaata. Amantiin dhugaan ija isaa irraa argama, ka'umsa seera qofa utuu in ta'in (lakk. 16B fi Yaaqoobii fi 1 Yohannis).

▣ **"Mataa isaani tajaajilaaf kennaniiru"** kun gaalee ajaa'ibsii dha "kennamuu" *tassō* jechi jedhuu yeroo baay'ee hiimii misaa "muuduu" dha. Amantii, amantii dhugaa tajaajilaan kaayyoo isaa ilaala! Wangeela hubachuuf mataa keenya kan birootiif tajaajilaaf dabarsinee kennuu fi fedha gaafata, Yesus mataa isaa dabarsee nuuf akka kennee (1 Yohaa 3:16). Kun guddina amantii isa sirridha, adda kan ta'ee osoo hin ta'in. Akka qoqodoota (jechuun, beektoota Qorontos fedhii dhuunfaa guddina dhuunfaa, kallatii dhuunfaa, akka itti hidhaman, amantii dhugaan jaalala irratti xiyaafata (14:4, 16:14). Amantootni kan fayyaniifi abbaa kennaa kan ta'an ergamicha guddaadhaaf (Maati 28:19-20, Luqaa 24:47, Hoji.erga 1:8). Fi qaama Kristosii fi gaarummaa waldaa kiristaanaatiif (12:7).

Isxifaanoosi fi maatiin isaa qabeenya qabaaniin faayidaa mootumichaatii fi akka ta'uu murteessan. Isxaafanoosiif kan sooreessa beektoota ramaddii hawaasaa miseensaa osoo ta'ee, egaa ochaan isaa fakkeenya barumsa Phaawulos ta'a. inni kan biroo sooresoota beektoota fakkeenya miseensa waldaa kiristaanaa ta'eera (Bruce Winter after Paul Corinth), Phaawulos Qorontosiin erga gadi dhiisee booda) fuula 184-205). Mata duree addaa 4:1 ilaali.

▣ **"Tajaajila"** mata duree addaa geggeesummaa tajaajiloota 4:1 irratti ilaali.

▣ **"Qulqulloota"** mata duree addaa qulqullootaa 1 Qoro 1:2 irrati ilaali.

**16:16 "Isiniis namoota akka kanaatiif akka obsitan"** kun gocha hojii irra oole ammaati "bittamuu" (hupotessō) jecha warranaati, tokko sansalata Iizii kan hirirsu ergaan Phaawulos, gara namoota Qorontositi inni fayyada irra kan oolee

1. Hafuurri rajootaa raajootaaf akka bitaman 14:32
2. Wantii hundumtuu Yesusiif akka bitamee 15:27
3. Yesus abbaa aboomamuu isaa 15:28
4. Amantootni geggeesitoota isaanii gaariif bittamuun akka irra jiran 16:16

Tapha jechaa qabaachuu danda'a "mataa isaanii tajaajilaaf kan kennan" fi (passō) "mata isaanii geggeesitoota gaariidhaaf kan bichisisaan amantoota giddutti (hupo eda'ama tassō) (2 Qoro 9:12-13 mata duree addaa bitamuu 2 Qoro 9:13 irratti ilaali.

Waldaan kiristaanaa kuni rakkinoota qabdi, karaa sirriidhaa fi geggeesitoota ishee dhugaa karaa ulfeesuutiin (lakk.18, 1 Teso 5:12, Ibiroota 13:17). Kan Roomaa xalaayaan Kilameenti, waldaa kiristaanaa kanaa fi waggaa afurtama booddee kan barreefamuu ammas rakkina wal fakkaataa akka qaban argisiiseera.

**16:17 "Isxifaanoosii fi Fardinaaxoos, Akayiqoosis"** tokko tokkoo kan cimsan maqaa dhummaa lamaan, waa'ee isaanii Kakuu Haaraa keessatti waan tokko illee kan hin dhageenye, maatii Isxifaanoos akka ta'anii dha. Tokko tokkoo cimsa kan itti laatan guutummaati sadan isaani garooa turan, kun garuu mirkanaa'uu in danda'u. isaan xalayicha waldaa kiristaanaa Qorontos irraa gara Phaawulos kan fidan ta'an. Phaawulos waa'ee waldaa kiristaanaa odeefannoo tokko tokkoo maatii Qalo'ee argateera. Kan Roomee Kileementi Qorontosiif kan barreesse waggaa afurtama boodaa, innis Faardinaaxoos kan jedhamuu jaarsollii waldaa kiristaanaa heerera.

▣ **"Karaa keeessaniin kan hir'atee isaan guutaniiruu"** gaaleen kun ingillin sagallee alta'aa qaba, garuu isaan bifa jedhuun miti. Ergaan isaani waldaa kana irraa gara Phaawulositti oduu fidee, innis kan jaallatu, rakkina isaa wajjin yoo ta'ee illee (lakk. 24). Isaan kan hojjeetan Phaawulosii fi akka waldoota kiristaanaati bakka bu'uuta. Phaawulosiif sirritti maal akka godhaniif, gammachuu fiduu irra caalaa (lakk. 18) argachuu isaanii, ifaa miti.

**16:18 "Hafuura kootiif kan keessan"** qabiyyee barreeffamaa irraa ifaa kan ta'ee Phaawulos "hafuura" kan fayyadamee kara inni ittin mataa isaa argisiisee dha (2:11, 5:4, 2 Qoro 2:13, 7:13, Room 1:9, 8:16, Fiilli 4:23).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Namoota adana jiran beekii"** |
| **NRSV** | **"Egaa namoota akkasiitiif beekamtii kennaa"** |
| **TEV** | **"Namooti akkasii beekamtiin in ta'aaf"** |
| **NJB** | **"Isiniis namoota akkasii jajuun isiniif in ta'a"** |

Kun gocha xiyaafataa ammaati, "*ginōskō*" miira beekamtii kennuutiin (2 Qoro 3:2) yookaan beekuuf simachuu (1 Qoro 8:3).

## I Qorontos 16:19-20

**[19]Waldaan kiristaanaa Asiyaa nagaa isiiniif dhaamu; Aqilaanii fi Phaersiqaan waldaa mana isaanitti walitti qabamuu sana wajjin, karaa gooftaa garaa guutuudhaan nagaa isiinif erguu*. [20]Obbolooni as jiran hundumtuu nagaa isiinis dhaamuu; yaada qulqullaa'aatiin wal dhudhungachuudhaan nagaa wal gaafadhaa!**

**16:19 "Waldoota kiristaanaa Eshiyaa"** kun kan argisiisuu kan jaarraa 1 godina Roomaa, harka sadii keessaa kan warraa lixaa ishee Ammaayyaa biyya Turkiti.

▣ **"Aqilaa fi Dhirsiqilaa"** Aqilaan dunkaana Yihudootaa hojeeta ture (yookaan gogaa hojjeeta), akka Phaawulositti, Yihudootni hundumtuu, barsisonis yoo ta'an, daldala baratu, barsiisa isaaniitiif horii akka in fudhane. Haadhi manaan Aqilaa, Dhirsiqilaa, Dhirsiqaa, yeroo afur 1 irratti galmoofteeti, warra ja'aa keessatti kan heeraman keessaa (Hoji. Erg. 18:2, 18:26, Room 16:3, 1 Qoro 16:19, 2 Ximoo 4:19). Baay'een kan hubatanii maqaan ishee balaabaata Roomee akka ta'ee dha, (kan dhiiraa, prisca) isheen tokkoo irratti heeramuu isheetiin, kunnis Yihudootaaf namootaa Yihudootaatiif baay'ee kan hin baratamne, baay'een isaan irratti kan isaan ilaalaan seena jaalala guddaati, dubartii sooretti Roomaatti aadee kara biraatiin dunkaana kan hodhuu Yihudoota gidduu dhaa!

Textus Receptus Dhirsiqilaa qaba, kunnis maqaa ishee GHoji. Erg. 18:2, 18, 26. Innis immoo Room 16: 3 fi asittis in argama. Kunnis barreefama Girikii A, C, D, F, G, K, L, hiikoonni Sooriyaa fi baay'ee kan dhi'oo lafa duwwaa barreefama dabalata. Ta'us, Phaawulos ishee kan waamuu Dhrisiqilaa jedheeti, kunnis barreefamni isaa

kan argaman P[46], a, B, M, FI VAlgeetii fi hiika Koptikii. Bruce Metzger, A Textual commeentery on the Greak New Testament qabiyyee barreefama Kakuu Haaraa Girikii ibsa fuula 570 ilaali.

▣ **"Waldaa kiristaanaa mana isaanii jirtuu"** waldaan kiristaanaa durii mana hin qabdu. Isaan kan isaan wal aran mana namaati. Sababi kun ta'eef

1. Dhabiinsa horii
2. Dhoksaadhaan gochuu barbaaduu, kiristinaan Inpa'eera Roomeeti baay'ee yeroo durii amantaa seeraa alaa ta'uu isaa
3. Bifa seera qwabeeessumaa akka qabaatu barbaachiisaa ta'uu isaa, kunnis waldoota kiristaanaa durii akka hawaasa Roomee ijaaramaniiru

Yaad-rimeen waldaa kiristaanaa manatti kan jalqabamee Hoji.erga. 2:46, 5:4 irratti dha. Innis guddina isaa itti fufee Roomee 16:5, 23, Qolaa 4:15, Filimoona 2.

▣ **"Obboloonni hundumtuu nagaa isiiniif dhaamu"** kun kallatiidhaan kan inni argisiisuu kan waldaa kiristaanaa guutuuti, Dhiiroota qofa osoo hin ta'in.

**16:20 "Dhunguu qulqullaa'adhaan wali wali keessaan nagaa wal jijjiiraa"** kan kana fakkaatuu nagaan bakkee irraa (al tokkoo yookaan lamaa maddii dhungachuu) fi mallattoo tokkuummaa Kakuu Moofaatti Ba'uu 4:27 irratti argama. Innis wangeela keessatti in argama Maari 14:45. Innis waldaa kiristaanaa ishee durii biratti dhaabataa ta'eera (Roomee 16:15, 2 Qoro 13:12, 1 Tesoo 5:26, 1 Pheexi 5:14), innis abbaa murtii mana waaqeffannaa kan hordofuu. Dhiironnii dhiiroota dhungatuu dubartootni dubartoota dhungatu. Innis kiristaanoota tokko tokkoon akka malee fayyadama irra in oola ture akkasumas warra in amanin hubannaa wal makaa qabaata ture, kanaafii waldaa kiristaanaa ishee durii biratti akka hafuu godhameera. Ta'us, keessumati akka tasaa akka itti fufee jiruu dha, waldoota kiristaanaa warra bahaa birrati. Kan isaa kan warra ammayyaa warra Lixaa harka ho'isanii qabuuu yookaan hammachuu.

## I Qorontos 16:21-24

**21Nagaa kana ana Phaawulositu harka kootiin isiiniif caafa*. 22Eenyuu illee gooftaa yoo jaallachuu dhaa baatee abaaramaa dha; "Maranataa!" hiikuun isaas "Gooftaa keenyaa kottuu" jechuu dha*. 23Ayyaannii gooftaa Yesus isinii wajin haa ta'uu! 24Jaalallii koo karaa Kristos Yesus hunduma keessani wajjin haa ta'u**

**16:21 "Ani Phaawulos nagaa kana harka kootiin barreesera"** kun kan baratamee ibsa Phaawulos, ergaa isaa erga dabarsee booda. Innis qajeelummaa isaa karaa mirkaneessuti (Galaa 6:11, 2 Teso 2:2, 3:17, Qolaa 4:18, Filimoona 19).

**16:22 "Akka"** kun sadarkaa tokkoo hima haalaati. Walumma galatti waldaan kiristaanaa Qorontos goofataa in jaallatan turan.

▣ **"Kan in jaallanne"** jechii Girikii kunni "phile*ō*" dha. Phaawulos jecha kana jaalalaa fi baay'isee hin fayyadamuu (Tiitoo 3:15). Sababa kanaan baay'een kan tilmaaman inni kan heeree faarfannaa yookaan dhoksaa barreeffamaati. Innis hundee wal fakkaataa irrati akka "dhungachuu" (philma). "phile*ō*" konee Girikii "agapa*ō*" wajjin wal fakkaata ta'eera (Yohaa 5:20, 16:27), haa ta'uu malee qabiyyeen barreefama yeroo gara garummaa qabaachuu danda'uu (Yohaa 21:15-17).

▣ **"Kan abaaramee"** "Anathema" jecha Girikii yemmuu ta'uu innis jecha Ibirootaa "heren" Waaqayyoodhaaf wanti tokkoo adda ba'uu, isa qulqulluu waan ta'uuf kan badu argisiisa (Iyaarikoo Iyaas 6:17-19). Innis bifa kanaan fayyadama irra oolaa dhufe, abaarsa Waaqayyummaatiif (Hoji. Erga 22:12, 14, Roome 9:31, 1 Qoro 12:3, 16:22, Galaa 1:8-9) . kun ibsa cimaa callaqisiisuu kan danda'uu kan barsiisoota sobduu Qorontosiin jiraachuu isaaniti (12:3). Jechuu kan danda'uu, inni kan callaqisiisuu Qorontosiin kan turee shaakala yerooti. 12:3 irratti yaadannoo jiru ilaali

▣ **"Maranaataa"** Yesusii fi ergamoonni durii kan dubbatani Haramayiiki turee (Hibirayxii utuu in ta'in). innis Impaa'eera Faariis ka'ee afaan wali galaa ture. Baay'een jechii Haraamaykii/Haraagati Kakuu Haaraatti galmaa'eera.

1. Talitha Kuma/Maari 5:41
2. Ephphatha/Maari 7:34
3. Abba- Maari 14:36, Room 8:15
4. Maranatha -1 Qoro 16:22

Itti fufee kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: Maranata

Gaaleenn Araaiinyaa kunni, innis waldaa kiristaanaa Filisxeemoota durii xin-waaqummaa dhoksaa qulqullootaa kan mirkaneessu (1) Waaqummaa Yesus (Faarf 110) yookaan (2)Deebi'ee dhufuu Yesus (Hoji.erg. 3:19-21). Hiikii isaas kan murtaa'uu tokko akkam ta'ee jechicha akka qoqodee dha.

1. "Gooftaa keenyaa, kottu" (jechuun, *marana-tha*) gaalee hiikaa xiyaafataa wal fakkaataa dha, Mul'ata 22:20 irratti. Kanaafiis hookoonni baay'een hiika sana asittis in fudhatu. Akkana yoo ta'ee, egaa nni ta'uu kan danda'uu kadhata deebii Yesusiti.
2. Gooftaan keenyaa dhufeera, (jechuun *maran-atha*) kan araaminyaa kan xumuramee ta'a. kun hiika Chrysostom (345-407 bara haraarati) kan filatuu waa'ee Yesusi fi fooni foon uffachuu (dubbachuu isaati).
3. "Gooftaan in dhufa" callaqisiisuu kan danda'uu kan Hibirootaa raajii xumuramee dha, innis fayyadama irra kan oolu baay'een Kristaanaa fi tajaajila yaada ka'umsa godhatee wan tilmaamuuf. Deebi'ee dhufuun isaa amantoota bara baay'ee turan yeroo hundumaa jajjabina ta'aaf.
4. *Didache* (jaarraa 1tti dhumma irratti yookaan jaraa lamattti kan barrefamee dha) 10:6 isumaa kana gaalee wal fakkaata irbaata gooftaa qabiyyee barreefamaati fayyadama, achitis kan Yesus yeroodhan argamuu isaatii fi bara raawwii dhufuu dhufaati isaa lamanuu kadhataan cimsa itti kennama.

**16:23 "Ayyanaa gooftaa Yesus"** macaafa qulqulluu hiikuudhaaf sadarkaa tokkoon isa tokkoo galumsa jechaa hundeessuu dha. Kanaaf burqaan gargaaraa ta'ee kan wali galan haawaasa macaafa qulqulluu, A Textual Commeentery on the Greak New Testament, By Bruce M. Metzger (ibsi qabiyyee qabiyyee barreefama Kakuu Haaraa Girikii) dha. Akkamitti gargaaraa akka ta'ee argisiisuudhaaf lakk. kana irraa kan ta'ee keeyata in heera.

> "Textus Receptus, a$^{c}$ A C D F G K L M hordofee baay'een barreefamni hammatuu, 6 424$_{c}$ 920 1739, it$_{d,g,r}$ syr$^{p,h}$ cop$^{8a,bo}$ arm eth, kan jedhuu Ihsouv Xrioisuv. dha kan dubbisan. Ilaalchi dubbifamni gabaabaan innis a* B 2 3335 226 356 442 823 1611 1908 2002 Ihsouv dhaan kan degeramee fillatamaa dha. Ilaalcha dubbifama dheeraatiin nkan biraan eebbii Phaawulos (Roome 16:27, 2 Qoro 13:13, Galaa 6:18, php. 4.23 1 Teso 5:28, 2 Teso 3:18, Filiimoona 25), akkasumas immoo gartokkooti jechun uumama barreesitootaa, qulqulluu maqaa isaa babalisuudhaf tarii xiyaafachuun kan irra jiru ragaan kam illee dhiibbaa akka kanaa dhaabuudhaaf akka irra jiraatu dha" (fuula 570).

**16:24 "Jaalalli koo hunduma keessanii wajjin"** kun isa tokkoo ibsa darbee darbee ta'uu kan Phaawulos, jaalala dhuunfaatiif. Jaalalli isaa kan mul'atee waldaa kiristaanaa keessa kan jiran hundumaa, isaaniis qoqodootaa fi jibban kan guutaman akka ta'an hubadhu.

▣ **"Ameen"** 14:16 irraa yaadannoo jiru ilaali.

**Gaaffiillee maree**

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Waldaan kiristaanaa Qorontos Phaawulosiif kan isheen barreesitee gaaffii tarreessi.
2. Odeefannoon adda addaa Phaawulos burqaan isaa maal ture, waa'ee waqtillee sanaa haalaa waldaa kiritaanaa Qorontos?
3. Waa'ee kennaa Kakuu Haaraa qajeelfama isaa tarreessi.
4. Phaawulos waldaa kiristaanaa Yerusaaleemii fi buusii godhamuuf maaliif baay'ee yaadee?
5. Phaawulos maaliif ammas guyyaa ayyaana Yihudootaa eegaa, erga fayyee booda?
6. 16:15, Hiji.erga 17:34 wajjin akkamitii haraaramaa?
7. Aqilaa fi Dhirsiqilaan eenyuun turan?
8. Phaawulos gaalee Araamayiikii maaliif fayyadamee, waldaa kiristaanaa Girikii ergaa isaa?

# Seensa II Qorontos

## Bantuu ibsawwaani

A. Macaafni kun, ergaa Phaawulos kan biroo irra kan fooya'ee, yaadaa fi laphee ergamichaa, ormootaaf kan qabu argisiisa. Innis baay'ee kan itti siqee, kan hafuuraa isaa/seenaa dhuunfaa tiksummaa isaati, nuuf kan qabu.

B. Macaafni kun tarii kan Phaawulos baay'ee kan mijateef kan seenaa (haasaa kan toluu) hojii dha. Raymond E.Brown, an introduction to the New Testament, (seensa Kakuu Haaraa akka jedhutti "inni dubbii toluu isaatiin amansiisummaan isaa barreeffama Phaawulos hunduma baay'ee kan caaluu dha) fulla 541. Ta'es, kun kan godhamee Soofistootaa ceephaa'uudhaaf, isaaniis gara Qorontos dhufanii Phaawulosiin dubbii bakkee irraa tooftaan isaa akkasumas sababa wangeellichaa fi kan mormani (jechuun, miidhaan isaa ogummaa irratti 1 Qoro 1-4).

---

## Mata duree addaa: Soofitoota

Jechii Girikii *Sophia* ogummaa jechuu dha. Jechii wajjin adeemuu *sophistēs* kan innii dhufee 1n "kan qaroomee" yookaan "beekumsa dubbii"kan jiruu argisiisuudhaaf. Inni yeroo hundumaa kan argisiisuu dubbata bakkee irraati, naannaa'aa kan ta'ee, innis gara magaalaa dhufee mana barumsaa galuudhaaf kan yaaluu garee ijoollee beektootaa barsiisuudhaaf. Kun haasaaa dirree irratti godhamuu maatiin dhuunfaa isaanitti akka barsiisan akka barbaadan kan godhee yookaan ijoolleen isaan mana barumsaati akka baratan.

Isaan kanaan "ogessaa" namoota gidduu morkii guddaan ture, dhaga'aamuu maqaa isaaniitiif dandeetii baratoota harkisuu irraa kan ka'e. ka'umsaa fi carraan haasaa isaanii illee qajeelfama tolfamee ture. Falasafaa fi galumsa seeraa yeroo ture inni tokkoon, dandeetti ogummaa isaatiif jabina isaa galmeesuuf.

Rakkoon Phaawulos Qorontositti wajjin kan deeman kan fakkaatuu

1. Qoqodiinsa waldaa keessaa jiru, tokkon tokkon barsiisaa adda addaa akka hordofuu ibsa (1 Qoro 1-4)
2. Kan heleenayoota kan leenji'aan Yihudooti barsiisoota sobduu Yerusaalem irraa (2 Qoro 10-13)

Phaawulos "ogummaa" kan inni ceephaa'ee 1 Qoro 1-4 sadarkaa ka'eera, dhiibbaan akka irra ga'eeti, falaasafa mata isaanii, beekumsa dandeeti haasaatii fi kan biraa safartuu kanaan yeroo murteessanitti, kan of jajan isaaniin. Ajaa'ibsiisaa kan ta'uu barsisoonni Yihudootaa ramaddiin falasamaa of jajuu isaaniti, haa ta'uu malee dursi seeraa Yiudummaadhaan taa'era, Alenxaaderiyaa Filooti, akkasumas ta'uu kan danda'uu kan Aleenxadeeriyaa Aphilos leenjii isaa (seenaa boodaa) dha.

Phaawulos kan leenji'ee dubbii diree irraa in ture. Sababa kanaan mormiin. Innis gaarii godhee barreessuudhaan, madaallii eeguudhaan, gaarii godhee qindeessuudhaan, roga seenaatiin ija ba'eera, 2 Qoro 10:13. Inni jecha isaani, boca gargaarameera sirri kan hin taanee haala isaanitiif of tuulummaa isaanii bakkeeti baasuuf. BRUCE W. WINTER, PHILO AND PAUL AMONG THE SOPHISTS (Fiiloo fi Phaawulos Soofistoota giddutti ilaali).

---

C. Macaafni kun qindaa'uma hin baratamin qaba, Phaawulos mataan isaa ol ka'umsa hafuuraatii fi gadi bu'insa, miira bilisaan dhangala'aan isaanis haarii irraa ka'aanii gara gammachuu guddatti kan ce'an.

D. Maacafni kun dhugumatti xalaayaa dha, akkasumas akka xalayaati walakaa dubbii qofa kan inni ta'u. baay'een wal qabataa kan ta'ee dhimmaa fi naanoo isaa kan seenan, isaanis deebii Phaawulos booda kan turan badaniiru. Kun fakkeenya gaarii dha, dhugaan jiruu, jechuun ergaan Kakuu Haaraa ka'umsumma isaanii irraa kan barreefaman dhimmi murtaa'ee bifa barreesuutiin akka ta'an mataa isaanii kan danda'an qayyabannaan xin-waaqummaa barreefama utuu in ta'in.

E. Macaafni kun barumsaa fi lallabaan cal jedhamee ture. Ibsa xiqqaa kan qaban II Qorontosi dha macaafaa Kakuu Haaraa caalaa. Kun egaa caroomuu dhabuu dha, sababii isaa innii kan Phaawulos baay'ee ifaa kan ta'ee ibsa kan qabu ta'u isaa, waa'ee rakkina jireenyakiristaanummatti jiru.

F. Tiksootaaf, kun macaafaa fi keessa isaa kan jiru qajeelfama in dhi'eesaaf, waldaa kiristaanaa hosiiftuu rakkina ka'an akkamitti akka qaban. Phaawulos fakkeenyoota hundumaa nuuf kenna, miidhaa nama dhuunfaatii fi wali galuu dhiisuu keessatti kan nuyi hordoofnu.

## Barreessaan

A. Ammam illee beektooti ammayyaa hundumtuu kan macaafa qulqulluu macaafa barreesitoota aadaa yoo fudhachuu baataanis, macaafni kun kan Phaawulos ta'uu isaa hin mormine.

B. Innis baay'ee seenaa dhuunfaati, akkasumas gaalee tokko tokko hubachuun in rakkisa, kunnis tokkoo Phaawulosiin fakkeessee barreessuu kan yaaluu karaa yoo argatee, macaafa akka kanaa garuu baay'ee kan in yaalamnee dha. Kan ergichaa kan adda ta'ee fi rakkisummaa isaa, dhugummaa isaa argisiisa. Dhugaa kan ta'uu baay'een beektooti Kakuu Haaraa kan yaadaan II Qorontos ergaa wal make ta'uu isaati, kan adda addaa mataa isaanii kan danda'an gara tokkooti kan fide. Ani tokkummaa isaatti sababiin qabameef

1. Tokkuummaa kan hin qabne ta'uun isaa wanti beekamuu tokko illee hin jiruu, barreefama Girikii tokkoon illee
   a. Yaadii barreefama isaa gargarummaa tokkoo illee hin qabu
   b. Boqonnaa kudha sadanuu barreefamni inni hin qabatin hin jiru
2. Ammam illee 2 Qoro 13 wali galatti Roomee Kilemeentitti yoo beekamuu baatees bara haraara 96 inni Polycarp waggaa haraaraa 105ti heerameera.
3. Mcaafici akka yaada tokkootti hubachuun kan danda'amuu dha. Tokkummaa isaa argisiisuu kan danda'aani qabatamaan murtaa'an waan jiru fakkaata, kan akka "rakkina" kan jiran.
4. Ragaan keessaa baay'ee kan murtaa'eedha, 2 Qoro irratti adeemsifamuun kan danda'amuu mormii hamaa deebisuudhaaf.

C. Phaawulos barreessaa ta'uu kan jalqabuu 1:1 fi 10:1 irratti dha.

## Yeroon isaa

A. Kan II Qorontos yeroo utuu adda adda hin baasiin I Qorontosii wajjin wal qabata, akkasumas Hijii ergamootaati wajjin.

B. Hojii ergamoota 18:1-18 fi 20:2-3 Phaawulos Qorontosiin yeroo turee wajjin adeema, haa ta'uu malee immoo kan innii fakkaatuu yoo xinaate kan hin galma'iin deemsi tokko akka turee dha (2 Qoro 2:1, kan heerame deemsa sada wajjin 12:14, 13:1-2).

C. Gaaffii guddaan daawwannaa Phaawulos gidduu fi xalaayaa Qorontos gidduu yeroo jiruu dha.

D. Haaloota Qorontosi wajjin kan wal qabatee rakkoon ta'ee ragaa alaa yookaan ragaa argachuu dhabuu keenya, Hoji.erg. 18:1-18 fi Hoji.erga 20:2-3 gidduu, qabatamaa kan hin taanee kan mataa isaanii irraa xalayaa Qorontos irraa kan hafe.

E. Phaawulos waldaa kiristaanaa Qorontosi wajjin walitti dhufeenyi inni qabachaa ture –ijaarsa lama wixinee harkifataa

| Guyyaa | Daawwanaa | Xalayaa |
|---|---|---|
| Waggaa haraara bara 50-52 adeemsa misi'oonummaa Phaawulos isa lama<br><br>Waggaa haraara bara 52 Gali'oon in muudamee bara haraara 52 irraa kaasee (Hoji.erg 18:12-17) | a. Adeemsa misi'oonummaa Phaawulos isa lama Qorontosiin ji'a kudha sadeeti tureera (Hoji.erg. 18:1-11) | a. I Qorontos 5:9-11 kan inni argisiisuu kan fakkaatuu waldaa kiristaanaa kan turee haala safuu maleessati. Ergaan kunni hin beekamuu ture:<br><br>(1)tokko tokko akka tilmaamanitti 2 Qoro 6:14-7:1 kutaa isaa osoo ta'uu baatee yookaan (2)innis 2 Qoro 2:3, 4, 9 ergaa hin xumuramiin ta'anii 2ⁿ Qorontos kan inni argisiisuu |

| | | |
|---|---|---|
| Bara haraaraa 56 (birraa) | b. Phaawulos waa’ee waldaa kiristaanaa keessa isa ture rakkinooti Efesoooniin akka turee burqaa lama irraa dhaga’eera (1)Namoota Qalo’ee 1 Qoro 1:11 fi (2)Isxifaanoos, Fortunates fi Aqiqaas, 1 Qoro 16:17 isaan walummaa galatti gaafii kan qabuu xalayaa qabatanii dhufanii turan, qorontos irraa waldaa mana keessaa | |
| Bara haraaraa 56 (ganna)<br>Bara haraaraa 57 (ganna) | | b. Phaawulos gaafii kana deebisee (1 Qoro 7:1, 25, 8:1, 12:1, 16:1, 2) II Qorontos macaafaan. Xiimotihos (1 Qoro 4:17) deebii isaa kan fudhatee Efesoon irraati (1 Qoro 16:8) gara Qorontositi. Ximootihos waldaa kiristaanaa keessa rakkina turee salphisuu hin dandeenye. |
| | c. Phaawolosi akka tasaatii fi daawwannaa rakkisaa Qorontositti godhe (Hoji ergamoota irratti in galmoofne 2 Qoro 2:1). Kan milkaa’ee hin ture, garuu deebisuudhaaf waadaa seenera. | |
| | | c. Phaawulos xalaayaa cimaa barreesse (2 Qoro 2:3-4:9, 7:8-12) Qorontosii fi waldaa kiristanaa mana keessatti kunnis Tiitootti kan ergame (2 Qoro 2:13, 7:13-15). Ergaan kun hin beekamu, muraasni akka yaadanitti 2 Qoro 10-13 qooduu akka ta’e. |
| | d. Phaawulosi Tiitoo Xiroowasitti argachuu karoorse garuu Tiitoon hin dhufne, waan ta’eef Phaawulos gara Maqeedooniyaa deeme (2 Qoro 2:13, 7:5, 13), tarii Filliphiyaa (MSS B, K, L, | d. Innis Tiitoo argatee waldaan kiristaanaas geggeesummaa |

| | | |
|---|---|---|
| Waggaa haraaraa 57-58 (ganna) | P).<br><br>e. Kan Phaawulos isa dhummaa daawwannaan Qorontos kan galmaa'ee kan heeramee Hojii ergamootaa 20:2-3 irratti fakkaata. Ammam illee Qorontos jechaan yoo heeramuu baatees yaadamuu danda'ama. Innis ji'a gannaa achii tureera | isaa fudhachuu ishee dhaga'ee, achuma irraas II Qorontosiin galata guddaadhaan barreesse (7:11-16). Innis kan ergamee karaa Tiitooti.<br><br>e. Haalli jijjirama heerame boqonnaa 1-9 fi 10-13 gidduu kan jiruu beektoota tokko tokkoni akka ergaa dabalataa gadheeti oduun ibsameera (ta'uu kan qabu, mormitooti duraa lama ka'uu isaanitii fi kan biroo mormitootni haaraan dabalamuu isaaniti) waldaa kiristaanaa manaa Qorontos irraa boqonnaa 1-9 barreefamee ture (F.F. Bruce). |

## Phaawulos Qorontosi fi ergaa hammami barreesera?

A. Lama qofa, Qorontos 1 fi 2
B. Sadii, xalayaa badee tokkoo wajjin
C. Afur, xalayaa badee lama wajjin
D. Beektootni ammayyaa tokko tokkoo ergoonni badanii argataniiru, II Qorontos
   1 Ergaa duraa (1 Qoro 5:9) 2 Qoro 6:11-7:1
   2 Ergaa cimaa (2 Qoro 3-4, 9, 7:8-12) 2 Qoro 10-13
E. Shanii 2 Qoro 10-13 ergaa shana waan ta'uuf, innis galmee Tiitoo booda, ergaa oduu hamaa dabalataa wajjin kan adeemuu
F. Anni kanaan qabadhuu C dha (akkasumas H.C.Thiessen, introduction to the New Testament (seensa Kakuu Haaraa fi fuula 209 ilaali)
   1. Ergaan duraa – kan badee (1 Qoro 5:9)
   2. I Qorontos
   3. Ergaa cimaa –kan badee (2 Qoro 2:1-11, 7:8-12)
   4. II Qorontos

## Dinoota Phaawulos Qorontositti

A. II Qorontos rakkinichi kan jiruu kan fakkaatuu garee baay'eedhaan, waldaa kiristaanaa manaa adda addaa kan to'atan, I Qorontos kan turan garee tokko tokko ta'uu dhiisuu danda'u, garuu (akka tasaa).
   1. Gareen amantootaa kan barsiifata aadaa Roomaa fi seera isaanii kan degeran
   2. Gareen amantootaa kan barsiifata kan Girikii leenjii Katoolikii kan degeran
   3. Gareen amantootaa kan barsiifata aadaa Yihudootaa fi seera isaanii kan degeran
   4. Gareen amantootaa humna kan hin qabnee fi mirga kan hin qabnee kutaa hawaasaa kan ta'an
B. Filisxeemi irraa kan ta'an kan Yihudotaa rakkina uumtoota jeeqamsa dabalataa uuman (2 Qoro 10-13) isaan Galaatiyaa kan turan Yihudiidhaa fi Qolosayiisi irraa Yihudoota/Girikii warri seera adda kan ba'an turan. Isaani tarii seenaadhaan kan leenjiifaman barsiisoota kennaa qaban, warra akka Aphiloos kan fakkaatan ta'a.
C. Isaan kun komii xiqqoodha Phaawulos irratti kan ka'an, innis deebii kan itti kenne
   1. Phaawulos geggeedarameera (jechuun, deemsa karoora isaa jijjiireera, 1:15).
   2. Phaawulos barreessaa cimaa turee, haa ta'uu malee haasaa irratti dadhabaa dha (10:10).
   3. Phaawulos dubbitti jabaa miti (10:10, 11:6)
   4. Phaawulos horii hin fudhane (11:7, 12:13)

5. Phaawulos ergamaa dhugaa hin turee (11:5, 13, 12:4)
6. Phaawulos Ortodoksii Yihuudii hin turee (11:21)
7. Phaawulosi mul'ata kallatiinii fi kan hafuuraa mul'ata in qabuu ture, isaan akka jedhaniti (12:1)

## II Qorontos dhimmaa fi kaayyoo

A. Galateefachuu, waldaan kiristaanaa geggeesummaa Phaawulosin kan isheen laatte deebbii gaariin (2:12, 13, 7:11-16)
B. Phaawulos deemsa sada qophaa'uu (10:1-11) laman walummaa galatti kan isa miidhuu fi kan hin milkoofne ture. Kan jijjiramee kan miira isaa boqonnaa 10-13 irratti ifa dha. Tokko tokko akka cimsa itti laatanitti xalayaan Phaawulos baay'een waldaa kiristaanaa Qorontosiif kan inni barreessee II Qorontos kan inni walitti qabatee dha. Akkasuma immoo ta'uu kan qabuu Phaawulosi isa kana kan barreessee tokkummaa Qorontositti akka haaraatti mormii dhowe erga dhaga'ee booda. Inni kan miiraa dabalata.
C. Warra nanaa'an barsiisota sobduu Yihudootaa falmee ceepha'uudha (10-12) isaanis kan hin fudhannee kan Phaawulos
   1. Eenyummaa isaa
   2. Yaada
   3. Taayitaa
   4. Tooftaa dhi'eenya isaa
   5. Ergaa Wangeela isaa

## Harkifataa ramaddii barreefama isa

A. Dhimma mata duree qabbiyyee barreefama kanaa baafata hojjeechuun rakkisaa sababi inni ta'eef
   1. Jijjirama miiraa
   2. Jijjiirama mata duree
   3. Hammatuu dheeratee (2:14-7:1 yookaan 7:4)
   4. Haala naannoo beekuuf murtaa'ummaa keenyaa
B. Ta'ees, ifatti dhimma mata duree gurguddaa sadii ramaddii qaba
   1. Phaawulos ergaa Tiitootiif deebii kenneera, karoora deemsaa wajjin kan wal qabatee, boqonnaa 1-7 (ammatuu guddaa qaba, tajaajila ergamummaa Phaawulos irratti kan dubbatuu 2:14-7:1 yookaan 7:4)
   2. Jajjabaachuu Phaawulos, waldaa kiristaanaa Yerusaaleemi fi waa'ee buusuu godhameefi xumuramuu isaa, boqonnaa 8-9
   3. Phaawulos waa'ee geggeesummaa isaa kan inni of irraa dhorkuuf godhee boqona 10-13

Ramaddii dubbifama tokko (fuula V ilaali)

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, sana jechuun garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti hiikuudhaaf itti gaaffatamuma fudhata jechu dha. Tokko tokkon keenya ifa nuu kennameen adeemutu nurra jira. Hiiktooni duraas, macaafa qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kana deebistee hiktoota irratti jecha biraa dhaan akka hin fudhane.

Macaafa qulqulluu wali gala isaa yeroo tokkotti dubbisi. Kan macaaficha guutuu ijoo yaada giduu galeessaa jecha mataa keetiin teesisi.

1. Ijoo yaada macaafa wali gala
2. Gosa barreefamicha (shaarbee)

Ramaddii dubbifama 2 ("qajeelfama dubbifama gaarii macaafa qulqulluu" fuula V)

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, sana jechuun garuu macaafa qulqulluu dhuunfaatti hiikuudhaaf itti gaaffatamuma fudhata jechu dha. Tokko tokkon keenya ifa nuu kennameen adeemutu nurra jira. Hiiktooni duraas, macaafa qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Isa kana deebistee hiktoota irratti jecha biraa dhaan akka hin fudhane.

Macaafa qulqulluu wali gala isaa yeroo tokkotti dubbisi. Yaadi ijoo gurguddoon adda baaftee yaada ijoo isaa hima tokkoon ibsi.

1. Ramaddii barreefama yaada ijoo jalqaba
2. Ramaddii barreefama yaada ijoo 2
3. Ramaddii barreefama yaada ijoo sada
4. Ramaddii barreefama yaada ijoo arfa
5. Kan kana fakkaatan

# II Qorontos 1

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Qulqulootaaf buusii buusuu | Qulqullootaaf buusii walitti qabuu | Ergaa isa xumuraa | Kennaa amantoota rakkin keessa jiraniif | Galataaf nagaa |
| 16:1-4 | 16:1-4 | 16:1-4 | 16:1-4 | 16:1-4 |
| Karoora adeemmii | Karoora dhuunfaa | | Karoora Phawloos | |
| 16:5-9 | 16:5-12 | 16:5-9 | 16:5-7 | 16:5-9 |
| | | | 16:8-9 | |
| 16:10-11 | | 16:10-11 | | 16:10-12 |
| | | | 16:10-11 | |
| 16:12 | | 16:12 | | |
| | | | 16:12 | |
| Nagaa fi gaaffii isa xumuraa | Yadachiisa isa xumuraa 16:13-18 | | Jechoota xu,muraa | |
| 16:13-14 | | 16:13-14 | 16:13-14 | 16:13-14 |
| 16:15-18 | Nagaa fi nagaatti waliin jechuu | 16:15-18 | 16:15-16 | 16:15-18 |
| | | | 16:17-18 | |
| 16:19-20 | 16:19-24 | 16:19-20 | 16:19-20a | 16:19-20 |
| 16:21-24 | | 16:21-24 | 6:20 b | |
| | | | | 16:21 |
| | | | 16:21 | |
| | | | | 16:22 |
| | | | 16:22a | |
| | | | 16:22 b | |
| | | | 16:23 | 16:23 |
| | | | 16:24 | 16:24 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula vii irraa)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata duraa

2. Keeyyata lamma

*Kaka’umsa dhabuyyuu, qoqqooddaan keeyyataanii yaada barreessaa jalqabaa hubachuuf furtuu cimaadha. Tokkoon tokkoon jijjiirraawwan ammayyaas keeyyata qoqqoodamee fi kan cuunfame ni qabu. Keeyyanni kamiyyuu immoo bakka adda ba’ee jirutti mata duree ijoo, dhugaa fi yaada ijoo tokko ni qaba. Tokkoon tokkoon sararaas bakka adda ba’anii jiranitti mata duree sana ni calaqqisiisu. Akkuma barreeffama kana dubbisteen jijjiirraa isa kamtu akka hubannoo, dhimmaa fi qoqqooddaa sararaaf ga’umsa siif ta’u of gaafadhu.

Boqonnaa kamiyyuu keessatti dursa Macaafa Qulqulluu dubbisuu fi dhimma isaa adda baasuuf yaaluu qabna. Itti fufnees, hubannoo keenya hiika ammayyaa waliin wal cinaa qabnee madaaluu qabna. Yeroo miira barreessaa jalqabaa hubannu qofa sabqora (logic) isaa fi haala inni ittiin dhiyeesse ilaaluun Macaafa Quqlulluu

dhugaan kan hubachuu dandeenyudha. Barreessaa jalqabaa qofaatu kaka'umsa uumuuf ga'aadha malee Dubbistoonni Macaafa Qulqulluu, barootaa fi jireenya isaanii keessatti dhugaa eerame hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaa ni qabu.

Hub: Jechoonni teeknikaawaa fi gabaajeewwan hundi guutummaa guutuutti miiltoo (Appendices) tokko, lamma fi sada keessatti ibsamaniiru.

3. Keyyata sada

4. Kkk

## Qabiyyee barreefamaa

A. II Qorontos kan barreefamee tilmaamaan ji'aa jahaa – ji'a 15tti I Qorontos booda Phaawulos Tiitoo wajjin ta'ee Maqedooniyaa daawwachuu isaa hordofee, innis deebii waldaa kiristaanichaa Phaawulositti kan himee (2:12-13, 7:11-16).
B. Kun baay'ee xalayaa dhuunfaa cimee dha. Ejjennoon miira Phaawulos seer-lugaan illee utuu hin hafiin in beeksiisa (jechuun, walingii jiraachuu dhiisuu isaatii fi himoota in xumuramne).
C. Phaawulos tarii hamaadhaan midhaame ta'aa, waldaa kiristaanaa kan jiran muraasaan. Muraasii sun ta'uu kan danda'aanii hoosiftuu lamaan gamtaa amantootaa Qorontosii fi garee Yihudootaa naanna'an irraa. Komiin isaaniis kan ture
   1. Phaawulos yaada in murtoofnee akka qabuu 1:12
   2. Phaawulos geggeedaraama ture 1:15
   3. Phaawulos dadhabaa turee 10:10
   4. Phaawulos bifi isaa nama jibisiisa 10:10
   5. Phaawulos dubbitti cimaa hin turee 10:10, 11:16
   6. Phaawulos horiidhaaf jedhee lallaba 11:7, 12:13
   7. Phaawulos ergamaa dhugaa hin turee 11:5, 13, 12:4
   8. Phaawulos Ortodoksii Yihuudii in turee 11:21
   9. Isaan mul'ata kallatti qabuu, Phaawulos garuu hin qabuu 12:1

## QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

### II Qorontos 1a

**1Ani Phaawulosi fedha Waaqayyootiin ergamaa Kristoos Yesus kanaan ta'ee, Ximootihoos obboleessaa wajjin gara waldaa Waaqayyoo isa mandara Qorontos jiruu fi,**

**1:1A "Phaawulos"** Sa'ool Arxeesisi jalqaba irratti Phaawulos jedhamee kan waamame Hoji.erga 13:9 irratti. Ta'uu kan danda'uu Yihudooti baay'een "biyya allaa kan jiran" maqaa Ibirootaa fi maqaa Girikii waan qabataaniif. Akka yoo ta'ee, maatiin Saa'ool maqaa kana kennaniiruuf, garuu maaliif, isa boodaas, "Phaawulos" akka tasaa Hojoo ergamoota 13 irratti uumamee? Ta'uu kan qabuu (1) kan biraan maqaa kanaan waamuu jalqabanii ta'aa yookaan (2) innii mataa isaa "xinnoo" yookaan "kan xinnaate" jedhee waamuun jalqabee ta'a. maqaan Girikii Paulos "xinnoo" jechuu dha. Wixineen yaada baay'ee ba'aaniruu, argannoo maqaa Girikiitiif.

1. Dhaabannaan qaama isaati, aadaa jaarraa lamatiin Phaawulos gabaabaa, furdaa, rifeensi mataa kan irraa dhume, miilli isaa kan walitti gooba'e, nyaara guutuu fi ija babasaa ta'uu danda'a, burqaan maqichaa, kunnis jecha qulqullaa'aa kan in taanee irraa kan fudhatamee, Tesolonqee innis Paul fi Thekla jedhee kan waamu.
2. Phaawulos mataa isaa keeyati inni waamuu "qulqulloota hundumaa gadii kanan xinnaadhee kan jedhuu dha" sababni isaa waldaa kiristaanaa waan hari'ateef Hoji.erga 9:2 irratti akka jedhutti (1 Qoro 15:9, Efee 3:8, 1 Xiimoo 1:15). Tokko tokko kanaa "xinnummaa" kan argisiisan mataa isaatiif akka fillateetti argannoo waamichaati. Ta'es, macaafa Galaatiyaa, inni cimsa kan laatuu mataa isaa kan danda'ee fi Yerusaalem irraa warra kudha lamaanii wajjin wal qixummaa isaatti kun amansiisaa waan ta'uu hin fakkaatuu (2 Qoroo 11:5, 12:11, 15:10).

▣ **"Ergamaa"** kunni "ergamuu" kan baratamee jecha Girikiiti (jechuun *apostellō*). Mata duree addaa 1 Qoro 4:9 ilaali. Jechi kunni faayidaa xin-waaqummaa baay'ee qabu

1. Barsisoonni kan itti fayyadaman tokkoo waamamee akka ergamuuti, bakka bu'aa kan biraa ta'uudhaan, akkuma keenyaa kan ingilli "ambasader" (2 Qoro 5:20).
2. Wangeellii yeroo baay'ee jecha kana Yesusiif kan fayyadamuu abbaa irraa akka ergamee argisiisuudhaf (Maatii 10:40, 15:24, Maari 9:37, Luqaa 9:48). Yohannis irratti jechicha kan Masihiitiin fudhata (Yoha 4:34, 5:24, 30, 36, 37, 38, 6:29, 38, 39, 40, 57, 7:29, 8:42, 10:36, 11:42, 17:3, 8, 18, 21, 23, 25, 20:21). Inni fayyadama irra kan oole Yesus amantoota erguu isaatin (Yoha 17:18, 20:21).
3. Kakuu Haaraan kan itti fayyadamuu ergamoota Yesusiif
   a. Duuka buutuun Yesus gurguddoon kudha lamaan bakka giduu galleessaa kan tura (Luqaa 6:13, Hoji.erg 1:21-22)
   b. Garee addaa ta'aanii gargaartuu ergamootaa fi hojeetoota isaanii wajjini
      (1) Baranabaas (Hoji.erg. 14:4, 14)
      (2) Androneeksii fi Juniyaas (Kijaat, Juniyaa, (Room 16:7)
      (3) Aphiloos (1 Qoro 4:6-9)
      (4) Yaaqoob, obboleessa gooftaa (Galaa 1:19)
      (5) Siliwaanoosi fi Xiimootihoos (1[faa] Teso 2:6)
      (6) Tiitoos yoo ta'ee (2 Qoro 8:23)
      (7) Ephifiraditeesiis yoo ta'ee (Filli 2:25)
   c. Itti fufeenya kan qabuu kennaa waldaa kiristaanaa (1 Qoro 12:28-29, Efe 4:11)
4. Phaawulos waamicha kana ergaa isaa baay'ee keessatti ofii isaatti kan fayyadamuu bakka bu'aa Yesus ta'uu isaa Waaqayyoo waamicha akka isaaf kennee cimsuudhaaf (Room 1:1, 1 Qoro 1:1, 2 Qoro 1:1, Galaa 1:1, Efe 1:1, Qolaa 1:1, 1 Xiimo 1:1 2 Xiimo 1:1, Tiitoo 1:1).

▣ **"Kristos"** kun Girikiidhaadhan wal qixa kan ta'ee Ibirootaatan Messiah (Masiihii) jecha jedhuu dha (mata duree addaa 1 Qoro 1:23 ilaali), hiikii isaas "kan dibamee" innis kan argisiisuu "tokkoo Waaqayyoon waamamuu isaatiif hojii addaatiif gahaa ta'uu isaati" Kakuu Moofaatti abbaa ramaddii sadihii geggeesitoota in muuduu, Luboota, mootota, raajoota. Yesus isaan muudama sadan kana raawwateera (Ibiroota 1:2-3).

▣ **"Yesus"** jechi Hibirootaa hiikii isaa "Yaahiwween in fayyisa" yookaan "Yaahiwween fayyina fida" dha. Maqaan kun maatii isaatiif mul'ateera ergamichaan (Maati 1:21). "Yesus" jecha Ibirootaa irraa fayyina, hosea kan argamee dha, Waaqayyoodhaaf, Yaahiwween maqaa kakuu kan boodaa maxantuu ta'ee kan gale. Innis maqaa Ibirootaa Iyaasuu wajjin wal fakkaataa dha.

Barreefamni Girikootaa jechoota akka kanaa tartibaan qoqodameera

1. Yesus Kristos, A,D,G,K,L (peshitta, KJV, NKJV)
2. Yesus Kristos p46, א B, M, P (NASB, NRSV, TEV, NJB, NIV)

Tartiba isaa irratti fayyidaa xin-waaqummaa tokko illee waan qabu hin fakkaatu. Mata duree addaa maqaa Waaqayyummaa 1 Qoro 2:8 ilaali.

▣ **"Fedha Waaqayyootiin"** kun wal fakkaataa gaalee seensaa 1 Qoro 1:1, 2 Qoro 1:1, Efe 1:1, Qolaa 1:1 fi 2 Xiimoo 1:1. Phaawulos ergamaa ta'ee Waaqayyoon akka waamamee amanateera. Kunni bifa addaa kan qabuu waamicha kan jalqabee kara Daamasqooti jijiiramuu dha (Hoji.erga 9:1-22, 23:3-16, 26:9-18). Phaawulos yeroo baay'ee kan inni cimsa itti laatuu, Waaqayyoo taayitaa inni kenneefif waamamuu dha. Barreefamni isaa bifa addaatiin Waaqayyoo irraa akka ta'an (jechuun, liqimfamuu, 2 Xiimo 3:16, 1 Qoro 2:9-13, 1 Teso 2:13).

▣ **"Xiimotihoosiis obboleessa keenyaa"** 1 Qoro 1:1 "Soosteniis" heerera, asitti kan mogaafamee Ximootihoosi dha, akka hojjeta gargaartuu ta'uu danda'a, gargaartuu barreessaa, yookaan barreessaa. Ammas immoo ta'uu kan danda'uu Phaawulos Ximootihosiin sababi inni heereef waldaan kiristaanaa kunnii isaaf baay'ee deebii kan in laanee ta'uu isheeti, xalaayaa Phaawulos innis 1 Qoro isaaniif yeroo kenneti.

## Mata duree addaa: Ximootihoos

A. Hiikii maqaa isaa "Waaqayyoo kan ulfeessuu" dha.
B. Innis kan haadhii isaa Yihuudii fi abbaan isaa Girikii ture, akkasumas Lisxiraa kan jiraatu (Hoji. Erg.

16:1). Hiikii laatinii ibsi jalqabaa Roomee 16:21 irratti kan jedhuu Ximootihos lammii darbee ture. Kunnis ta'uu kan qabuu Hoji.erg. 20:4 dha.

C. Inni amantii Yihudii barateera (yookaan amantii kiristaanaa) haadhaa isaatii fi akoo isaatiin (2 Ximoo 1:5, 3:14-15).
D. Inni walumma galatti Kristoosiin amaneera, deemsa misi'oonummaa Phaawulosiin jalqabameen (Hoji. Erg. 14:6-7)
E. Innis Phaawulosii fi Sillaasiin garee Misi'oonummaa akka itti dabalamuu gaafatame ture, deemsa lama irratti (hoji erg. 16:1-5), ifatti kan Yohannis Maariqoos gocha akka raawwatu. Inni raajiidhaan mirkanaa'eeraaf (1 Ximoo 1:18, 4:14).
F. Innis Phaawulosiin dhagna qabateera, Yihuudii irraas ta'ee Girkii wajjin akka hojjeetuuf (Hoji. Erg 16:3).
G. Innis Phaawulosiif kan amanamee hidhata hojii ture, akkasumas garee ergamootaa ta'eera. Innis gargaartoota Phaawulos kan biroo caalaa maqaa isaatiin heereera (yeroo 17 xalayaa kudhan keessatti, Roome 16:21, 1 Qoro 4:17, 16:10, Filli 1;1, 2:19, 22, Qolaa 1:5, Xiimoo 1:2, 2 Xiimoo 1:2, Tiitoo 1:4).
H. Phaawulos laphee isaa irraa "amantiidhaan mucaa koo dhugaa" jechuudhaan in waama (1 Ximoo 1:2) "mucaa koo jaallatamaa" (2 Xiimo 1:2) "amantii wali wajjin mucaa koo dhugaa" (Titoo 1:4). Akkasuma "gooftaadhaan jaallatamaadhaa fi amanamaa mucaa koo"1 Qoro 4:17.
I. Inni walummagalatti Roomaan ture, Phaawulos mana hidhaati yeroo hiikamuu, akkasuma deemsa misi'oonummaa arfaffatiif wali wajjin ta'aniiruu (Qolaa 1:1, Filimoona 1)
J. Inni "ergamaa" jedhamee waamameera, 1 Teso 2:6 itti fufeenya kan qabduu waldaa kiristaanaatiif kan ta'ee kennaa hafuuraa (Efe 4:11).
K. Sadii keessaa lamaa xalayaa tiksummaa isaan ittin gahaaniiru.
L. Inni dhumma irratti kan heeramee Ibiroora 13:23 irratti (haa ta'uu malee haala seenaa duraa boodaatiin 2 Qoro 1:2).

## II Qorontos 1b

**gara warra guutummaa kuta warra biyya Akaayaa keessa Waaqayyoof qulqullaa'an hundumaati kana caafuu kooti*.**

**1:1b "Waldaa kiristaanaa"** kun jecha Girikii Ekklesia dha (mata duree addaa 1 Qoro 1:2 ilaali). Innis jecha lama irratti "kan ba'ee" fi "kan waamame" kanaafis, jechichi kan argisiisuu Waaqummaadhaan waamamani kan ba'aanii dha. Waldaan kiristaanaa durii jecha kana kan fudhatee fayyadama amantaa in taanee irraati (Hoji.erg. 19:32, 39, 41) akkasumas saptuwajentiidhaan fayyadamni jecha kanaa sababa, Israa'elootaaf "gamtaa amantootaa" (Sera lakk. 16:3, 20:4). Isaanis fayyadama irra kan oolan mataa isaanittif, itti fufeenya kan qabuu kan Kakuu Moofaa saba Waaqayyo. Isaan Israa'el haara turan (Roome 2:28-29, Galaa 6:16, 1 Pheexi 2:5, 9, Mul'ata 1:6) kan Waaqayyoo raawwii ergama addunyaleessaa (Uumama 3:15, 12:3, Ba'uu 19:"5, 6).

▣ **"Kan Waaqayyoo Qorontosiin kan jirtuu"** gaaleen kun kan ibsuu miira adda addaa lama, waa'ee kanaa "waldaa kiristaa".

1. Isheen dhaloota laman, amantoota cuuphamaniin kan qaama naannooti. Bakka baay'eeti kakuu haaratti, Ekkilesia kan jedhuu jechi fayyadama irra kan oole miira naannoo kanaa callaqisiisa.
2. Innis immoo wali gala qaama Kiristoos ibsa. Kunnis Maatii 16:18 irratti argama (jechuun, inni jalqabaa kan jecha kanaa darbee darbee fayyadamuu, Yesusin Maatii 18:17 [al lama] )Hoji.erga 9:31 qeenxee isaa "waldaa kiristaanaa" in fayyadama, waldaa hoosiftii kiristaanaa gamtaa amantoota Yihudaati Galilaa, fi Samaariyaa, akkasumas inni dhummaa fayyadamni jechichaa Efesoonitti, innis jaalalaan xalaayaa deddeebi'ee Eshiyaa xiqqaadhaa fi waldootaa kiristaanaa (1:22, 3:10, 21, 5:23-32).

Qaamni guddaan Kristos tokkoo jira, amantoota hundumaatiin kan ijaarame (tokko tokko amma du'aniiru tokko tokko jireenyatti jiru) akkasumas wali gala qaama sanaatiif waldaa hosiftuun ibsa qabu.

▣ **"Biyya Akaahiyaa kan jiraatan qulqulloonni hundumtuu"** nagaan kun kan argisiisuu, ergichi bal'aa kan ta'ee dghageefatoota waldaa tokko caalaa (ergaan Phaawulos hundumtuu akka ta'an hundumaa). Innis akka naanna'aatti (jaalalaan) ergaan naannoo hundumaaf tajaajileera Galaatiyaa Efesoon akka godhan. Ta'us, inni bifa adda ta'een kan irratti xiyaafatu rakkoo Qorontos irratti.

▣ **"Qulqulloota"** kana jechuun isaan qulqulloota akka ta'an ibsaniiru, araa hojii Yesus bakka bu'ummaa hafuura qulqulluuttin (6:11). (*Hagizō*) gochamni jedhuu "qulqulluu" jecha jedhuu wajjin adeema (*hagios*) fi "qulqulloota" (jechuun "qulqulloota" *hagioi*). Inni kan dubbatuu Waaqayyoof adda ba'uu keenya, tajaajilaaf. Asitti kan argisiisuu ejjennoo isaan qabnuu dha, akka lakk.3, haa ta'uu malee garuu, bakka biraatti amantoota Kakuu Haaraa "qulqulloota" gara ta'uutti yaalii godhu. Inni ejjeennoodhaalamuudha. Phaawulos ishee qoqodatee kana waldaa of tuultuu "qulqulloota" jechuun in jajjabeesa, kuufati cubbuu isaani boodaan! Mata duree addaa qulqulloota 1 Qoro 1:2 ilaali.

## II Qorontos 1:2

**[2]Waaqayyoo abbaan gooftaan keenya Yesus Kristoos ayyaana nagaas isiiniif haa kennu*.**

**1:2 "Waaqayyoo irraa ayyaannaaf nagaan isiniif haa ta'uu"** kan aadaa bantuu xalayaa Helenaayoota "nagaa" ture (Hoji.erg. 23:26, Yaaq1:1), "ayyaana" osoo hin ta'in. Phaawulos tapha jecha godheera "*chairein*" gara "charis" innis adda baasee kiristaana godha (1 Teso 1:1, Galaa 1:3). Tokko tokko cimsa kan itti laataan "nagaa" kan callaqisiisuu jecha Ibirootaa "*shalom*" dha (mata duree addaa 1 Qoro 1:3 ilaali). Innis ta'uu kan danda'uu Phaawulos jecha kana wal makuu isaa beekuu isaati, eebba Haaron irraa Seera lakk. 6:24-26. Heeloti baay'een xalayaadhaa fi ergaa Kakuu Haaraa kan jalqaban kadhata galataatiin, haa ta'uu malee Phaawulosiif gamtaa amantootaa kana giddutti kan jiruu sababni rakkoo, bantuun kadhata galataa gara Waaqayyooti argisifameera (1:3-7).

▣ **"Waaqayyoo abbaa keenya irraa"** kun cimsa isaa gara dhi'eenya maatiitti walitti dhufeenya dhuunfummaa keessa teesisa (Maati 6:9). Kakuu haaratti Waaqayyo abbaa Israa'elitti (Isaa 64:8, Hosee1-3, 11). Waaqayyoo kan qaamaa sababii ta'uu isaa, Waaqa sadan tokkoo irraa qaamaa fi saba isaa wajjin firooma jiru ibsuudhaaf dubbii haalaa fooya'ee kan ta'uu maatii Yihudootaa jecha isaanitti. Abban Yesusi wajjin karaa fakkaati isaa akka wajjin deemuu, inni amantootaa wajjin deema. Mata duree addaa abbummaa Waaqayyoo 1 Qoro 1:3 irratti ilaali.

Lamanuu "ayyaana" fi "nagaa" kan dhufan abbaa fi ilma irraati. Abba fi Yesus haala seer-lugaatiin akka yaada tokkootti wal qabatu (jechuun, walinga tokkoo, garuu lama qaamoota). Kun karaa baratamee dha, barreesitoota Kakuu Haaraatiif, Waaqumma Yesus cimsuu dha (1 Teso 1:1, 3:11, 2 Teso 1:2, 12, 2:16).

▣ **"Gooftaa keenyaa Yesus Kristos irraa"** jechooti kun waamicha guutuu murasa "gooftaa Yesus Kristoos" (lakk.2, 3. 7, 8, 9, 10). Isaan sadan kun (lakk.2, 3, 7, 8, 9, 10) waamichi hundumtuu mataa isaanii kan danda'an faayidaa qabu.

1. "Kristos" hiika Girikiiti Hibirootaaf *Messiah* (jechuun, kan dibamee). Innis kan Yesus waamicha Kakuu Moofaati, akka abdii Yaahiwweef galameeti, innis bara haaraa tolaa akka qopheessuu ergameera.
2. "Yesus" Beteelemiti daa'ima ture ergamichaaf maqaa kennameef (Maati 1:21). Innis maqaa Ibiroota lama irraa kan qophaa'eedha "Yaahiwwee" Waaqummaadhaaf maqaa kakuu, fi "fayyina" (jechuun, *hosea*).). Innis maqaa wal fakkaaata Ibirootaati akkuma Iyaasuu. Qophaa isaa fayyadama irra yeroo oolu inni yeroo hundumaa kan argisiisuu nama Naaziretichaa yesus, ilma Maarihaam (Maati 1:16, 25, 2:1, 3:13, 15, 16).
3. "Gooftaa" (1:1) KJV keessatti fayyadama irra ooleera (jechi Ibirootaa Adon hiika isaati, hiikii isaas "abbummaa, abbaa manaa, kan irra keessaa, yookaan gooftaa" jechuu dha. Yihudoonni maqaa qulqulluu waamuu waan sodataniif, akkasumaan waamtee aboommii kurnan keessa tokko akka hin cabsine jechuudhaan. Macaafa qulqulluu yeroo dubbisanitti, Adoniin Yaahiwweedhaan jijjiruu. Sababa kanaatiif hiikii ingilli gooftaadhaaf Yaahiwef fidaloota gurguddaadhaan Kakuu Moofaati kan fayyadaman. Waamicha kana dabarsuun (Kurios Girikiidhaan) Yesusiif, barreesitootni Kakuu Haaraa Waaqummaa isaa abbaa wajjin wal qixa ta'uu isaa in cimsu.

## II Qorontos 1:3-7

**[3]Waaqayyoof abbaa gooftaa keenya Yesus Kristoos, abbaa araaraa hundumaaf, waaqayyoo jajabinaa hundumaaf gallanni haa ta'u! [4]Jajjabinnii isa Waaqayyoo biraa argannee sanaan nuyii immoo rakkina attamii keessati iyyuu warra kaan akka jajjabeesinuuf, inni rakkina keenya hundumaa keessati nuu in jajjabeesa*. [5]Dhiphina Kristoos keessaa amana kan hin jedhamne akkuma hirmaanee akkasuma karaa Kristoos jajjabina isaa keessaa amana kan hin jedhamne in**

**hirmaana*. [6]Rakkina keenya yoo ta'ee jajjabina keessaniif, oolfamuu keessaniif ta'a jajjabina keenyaas yoo ta'ee, isiniif immoo jajjabina, jajjabina kanaan sanyii dhiphina isa nuyii baanu, obsaan akka baataniif isin in dandeesisa*. [7]Isin dhiphina keenya irraa akkumma hirmaataan akkasuma jajjabina keenya irraas akka hirmaataan waan beekneef, abdiin nuyii waa'ee keessaniif qabnuu in socho'uu*.**

**1:3 "Kan eebbifamee"** jecha ingilliffaa "eulogy" (galata) kan argannee jecha Girikii kana irratti. Jechii kunni (saptuwajentiin hordofee yeroo hundummaa fayyadama irra kan ooluu namoonni yeroo Waaqayyoon eebbiosanii dha (Luqaa 1:68). Maari 14:61 maqaa Waaqayyootiif dhokataa kan ta'ee waamicha qaba (jechuun "kan eebbifame"). Phaawlos jechicha kan fayyadamee abbaadhaaf Room 1:25, 9:5, 2 Qoro 1:3, 11:31 fi Efes 1:3.

▣ **"Waaqayyoo"** kunni kadhata galata lakk.3-11 Waaqayyoon karaa sadii ibsa.

1. Inni abbaa Yesus
2. Inni abbaa gara laafeessaati
3. Inni Waaqa jajjabinaa hundumaati kan baratamee xalayaan Girikii roga kadhata galataa ture, xalayaa kana kan fuudhan, xalayaa kanaan garuu kadhati galatichaa Waaqayyoof ta'eera.

Yaahiwween akka *Yeshua*a bbaa (jechuun, Ibirootaan Yesusiif kan beekamuu mul'ata qofan. Tokko illee haawwii Filisxeemootaa kan ta'ee falmii yookaan wixinee firooma kanaa xin-waaqummaa itti kenamuu hin danda'u. "Qulqulleessuu" of eegadhaa, Waaqayyoon, sagallee isaa qulqulluu xiyaafachuu caalaa loogikii xiyaafachuu akka hin taanee, isaan garuu namoota baay'ee hubachuu in danda'uu, qulqulluu sagallee isaan akka dhugaati fudhachuuf tolee kan hin jenne. Elton Trueblood, the logic of Belief (amantii loogiikii ilaali).

▣ **"Abbaa gara laafeessaa"** jecha Girikii sadii qabuu, "araaraa" yookaan "gara laafummaa" wajjin adeema.

1. *eleos*, yeroo hundumaa kan inni argisiisuu kan araaraa yookaan miira gaduutti (4:1, Room 9:15 innis Ba'uu 33:19 irratti heerameera).
2. *splanchna*, innis kan argisiisuu bakka qaama harkifataati gara laafummaa yookaan haraara, garee gadiitiin (garaa) (Filii 2:1, Qolaa 3:12).
3. *oiktirmos*, kan araaraatii fi miira gara laafumaa yeroo itti dhaga'aamuu dha, haala biraatiin (1:3, 4-6) Roomee 12:1) jechichi amala kan godhatuu miira gocha Waaqayyooti, nama kufeef. Kana abdii keenyaa guddaan –kan hin jijiiramnee ayyaannii araara Waaqayyoo.

Kakuu Haaraa yeroo hundumaa "abbaa" eda'amaa abbaa manaa fayyadama, Waaqummaa ibsudhaaf.

1. Abbaa araaraa (2 Qoro 1:3)
2. Abbaa ulfinaa (Efee 1:17, Hoji.erg, 7:2, 1 Qoro 2:8)
3. Abbaa hundumaa (Efe 4:6)
4. Abbaa hafuuraa (Ibi 12:9, Mul 22:6)
5. Abbaa ifaa (Yaaq 1:17)
6. Barreefamni Phaawulos dabalee dadabalee "abbaa gooftaa keenya Yesus Kristoos".

**1:4-11 "Jajjabeesuu"** jechi kuni, *paraklēsis*,, roga adda addaatiin, yeroo kudha fayyadama irra oolerra lakk. 3-11 irratti. Innis jecha furtuu dha, keeyaticha guutuu fi akkasumas boqonnaa 1-9, acitis yeroo 25 fayyadama irra ooleera. Hiikii jechichaas "bukkeen waamuu" dha. Innis yeroo baay'ee fayyadama irra kan ooluu miira mana murtiitiin, abukaatoo, innis degersa seera kan godhuu, jajjabeesuu fi qajeelfama.

Qabiyyee bareefama kanaatiin inni fayyadama irra kan oolee miiraa jajjabeesuutii fi cimsuuti. Jechi wajjin adeemuu *paraklētos*, fayyadama irra kan oolee hafuura qulqulluudhaaf, Yoha 14:16, 26, 15:26, 16:7 fi Yesusiif 1 Yoha 2:1. Qabbiiyyee bareefama kanaatiin fayyadama irra kan oolee abbaadhaaf.

*Parakaleō* kan jedhuu gochamni miira baay'eedhaan fayyadama irra ooleera

1. Saptuwajeentii
   a. Jajjabeessuu Keessa deebii 3:28
   b. Jajjabeessuu, Uumam 24:67, 37:35, Faarf, 119:50 (miira Masihitiin Isaa 40:1, 49:13, 51:3, 61:2)
   c. O'uu Keessa deebii 32:36, abboota firdii 2:18, Faaf, 135:14
   d. Jajjabeesuu Isaa 35:4

    e. Waamuu Ba'uu 15:13
2. Barreefamni Phaawulos gara Qorontositti
    a. Jajjabeessuu 1 Qoro 1:10, 4:16, 14:30-31, 16:15-16, 2 Qoro 2:8, 5:20, 6-1, 8:4, 6, 10:1
    b. Jajjabeessuu, jajjabeessuu 2 Qoro 1:4, 6, 2:7, 7:6, 7, 13, 13:11
    c. O'uu, jajjabeessuu 1 Qoro 4:13
    d. Kadhachuu, laphee irraa gaaffachuu, gaafachuu, 1 Qoro 16:12, 9:5, 12:18

**1:4 "Kanaafis nuyii mataan keenyaa rakkina keessa kan jiran jajjabeessuu in dandeenya"** qabiyyee barreefama kanaatiin sababa lama godheera, kiristaanoonni maaliif rakkina akka fudhatan (1)kanaafis kan biraa jajjaabeessuu in danda'uu lakk. 4 fi (2)mataa keenyati dhaadachuu ambisuudhaaf lakk.9. Amantootni kan jiraatan addunyaa kufee keessa. Waan gadhee ta'uu, tokko tokko kan qubeeti, tokko tokoo immoo hameeyna dhuunfaati, haa ta'uu malee hundumtuu fayyadama irra ooluu kan danda'an (kan ergaman utuu hin ta'in, kan hiyamaman) Waaqayyoo biraa bilchina keenyaaf I tajaajila keenyaaf (Roomee 8:28-29). John W. Wenham, *The Goodness of God* ilaali.

Rakkina fudhachuu jecha jedhuu (jechuun, *thlipsis*), akka hiika jecha hundeettin "caccabsuu" dha (jechuun, waynii akka irra ejjechuu yookaan qamadii akka daakuuti, daakuu hojjechuuf), haa ta'uu malee dubbii haalaatiin qaamaaf fayyadama irra oolera (1:6) yookaan miiraa (2:4, 11:28) madaa miiraa (4:8, 7:5).

Gabaabaa yaada dhuunfaati. Macaafa kanatti Phaawulos eenyuun heeraa akka jiruu beekuun baay'ee rakkisaa dha, kunnis diribbii maqaa dhaalaa, "nuyii" "nuun" fi "keenya" inni argisiisuu kan danda'uu (1) mataa isaa qofa (2) kan isaatiif garee ergama isaa (3) kan isaatii fi ergamoota biraa, yookaan (4) amantoota wali gala. Qabiyyee barreefama isaa qofa murteessuu kan dana'uu, isaas taanan al tokko tokkoo qabatamaa miti.

## Mata duree addaa:Rakkina

Garagarummaa xin-waaqummaa qabaachuu barbaachiisa, Phaawulosiin fayyadamni jecha kanaa (thlipsis) gidduu fi Yohannisiti.

A. Fayyadamni Phaawulos (kan isaa fayyadama Yesus kan callaqisiisu)
    1. Rakkinoota, rakkina, inni hamaan addunyaa kufee kan galee
        a. Maati 13:21
        b. Roomee 5:3
        c. 1 Qoro 7:28
        d. 2 Qoro 7:4
        e. Efe 3:13
    2. Rakkinoota, dhiphinoota, rakkinoota, warra in amaneen kan uumaman
        a. Roomee 5:3, 8:35, 12:2
        b. 2 Qoro 1:4-8, 6:4, 7:4, 8:2, 13
        c. Efe 3:13
        d. Filli 4:14
        e. 1 Teso 1:6
        f. 2 Teso 1:4
    3. Rakkinootaa, dhiphinootaa, hamaa bara dhumaa
        a. Mati 24:21, 29
        b. Maari 13:19, 24
        c. 2 Teso 1:6-9
B. Fayyadama Yohannis
    1. Yohannis garagarummaa murtaa'aa godheera, THLIPSIS fi ORG yookaan THUMOS (dheekamsa) giddutti mul'ata irratti. THLIPSIS kan in amaniin kan amanan irratti kan isaan godhan yemmuu ta'uu, akkasumas immoo ORG fi THLIMOS Waaqayyoo warra in amane irratti kan inni godhuu dha.
        a. *thlipsis*–mul'ata 1:9, 2:9-10, 22, 7:14
        b. *orgē* –Mulata 6:16-17, 11:18, 16:19, 19:15
        c. *thumos* –Mulata 12:12, 14:8, 10, 19, 15:2, 7, 16:1, 18:3
    2. Yohannis immoo wangeellicha irratti sagallee isaa fayyadameera, amantootni baroota giddutti rakkina isaan mudatu callaqisiisuu fi Yohaa 16:33.

**1:5 “Dhiphinni Kristoos nurratti akka baay’atee”** jechi Girikii pathema asitti fayyadama irra kan oole rakkina fudhachuu Kristoosii fi (Luqaa 22:15) fi lakk. 6 fi 7 dhphinna amantootaa. Phaawulos jecha adda ta’ee fayyadama, garee ergama dhiphina/rakkina fudhachuun (thlipsis) lakk. 4 irratti.

Phaawulos amantoota kan heeruu Kristosi wajjin yeroo baay’ee rakkina wajjin akka fudhatanii dha (4:10-11, Room 8:17, Fillii 3:10 Qolaa 1:24). Du’aa fi du’aa ka’uu isaa akkuma hirmaanuu dhiphinaa fi rakkina isaa in hirmaana. Dhiphinna kan fudhatuu yaad-rimeen kiristaanaa yeroo hundumaa in dubbata (Hoji.erg 14:22, Roomee 5:3-4, 8:17, Galaa 6:17, Fillii 1:29, 3:10, Qolaa 1:24, 1 Teso 3:3-4, 2 Ximoo 3:12, Ibir 13:13, Yaaq 1:1-4, 1 Pheexi 2:19-23, 3:14, 4:12-19). Kunni seera kiristaana hundumaati. Dhimma mata duree kanaa 2 Qoro qabatama tokkummaa qabu fakkaata. Ga’aa ta’uun Kristoos immoo kan irraa hafee fi kan irra dhangala’eedha! Eyyee amantootni addunyaa kufee rakkina fudhatu, kiristaanaa ta’uu isaanittif, Waaqai keenya gauu waan nu barbnaachiisu hundumaa nuuf kenna, fooniinis, miiraaniis, fi hafuuraanis, karaa Kristos. Du’ee du’aa ka’uun Kristos mootummaa Waaqayyoof qofa miti, ammaafis immoo malee.

▣ **“Kan irraa hafee”** tooftaan barreefama Phaawulos 2n Qorontosi mul’isuu kan danda’uu “kan irraa hafee” fayyadama isaati.

1. *perissos*,irra keessaa fi iddoo ol jedhaa irra (2:7, 9:1)
2. *perissoterōs,* baay’ee kan irraa hafee (2:4, 7:13)
3. *perisseauma,* irra keessaa fi iddoo ol jedhaa irraa (1:5, 3:9, 4:15, 8:2, 9:8)
4. *perisseauma*,kan ga’uu ol (cf. 8:13, 14)
5. *perisseia,*baayee kan irraa hafee (8:2, 10:15)

Waaqayyoo Kristoosiin amantootaaf kan godhee kan ilaalate, inni yeroo hundumaa “baay’ee kan irraa hafee” “baayee kan baay’atee” “olii fi daangaa kan darbee dha”! 2:7 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

**1:6** “**akka …akka”** isaan ramaddii lama hima haalaati.Biyya lafaa kufe kanatti geggeesitooti kiristaanaa rakkina fudhatu haa ta’uu kana kan dhaga’aan kan gargaarsaatii fi fayyinaa qabeenya isaaniif kenna. Rakkinni kaayyooWaaqayyummaa qaba lakk.7.

▣ **“Jajjabachuun keessanii fi fayyinni**” jajjabinni fayyinaa wajjin akka wal qabatuu hundumaa inni kan fakkaatuu jecha Kakuu Moofaa *sosō*, jechuunis fayyina isa kan foonii yookiin bilisa ba’uu jechuudha (Mati 9:22, Maari6:56, Yaaq 5:20).

Bay’een barreefamni Girikii addaa dumaa qabu lakk.6-7 wajjin kan wal qabate baay’een sababni ifaa ta’ee” dhe. jajjabeesuu” (*paraklēseōs*) jechijedhuu, lakk.6A irratti, kan walin nama dha’uudha, birratti, kan walin namadha’uudha, boci wal fakkaataa ta’ee 6ba irratti,inni isa gidduu kan galee barreefamni isaakeessaisaatti kan ba’eedha. Mudaa isaa wajjin jechootni biraan barreesitootaan itti dabalameera, barreefamichi kangargaaruu akka ta’u gochuuf. “Obsaan jajjabachuu” saptuwajeentiidhaan jechii kun fayyadama irra kan oolee abdiidhaa fi eeguu dhaafture (Ermi14:8, 17:13, 50:7).

Barreefamni Phaawulos inni kan argisiisuu “kan gochaa, kan laphee, fedhii qabaachuu obsa jiruu dha” innis immoo uumuu kan inni danda’uu sababa wangeelaatii fi rakkina uumamu qofadha, amanuu, jiraachuu fi labsuu.Barreefama Phaawulosii wajjin kan wajjin deemuu qaba “abdii” (lakk.7) fi “obsaticimuu” giddutti (Roomee 5:3-5, 8:25, 15:4-5 fi 1Tessoo 1:3, 1Xiimoo 6:11).

**1:7** Amantootni rakkina akkuma fudhatan hundumaa Yesus akka godhee isaanis immoo jajjabeessuuWaaqayyoo in fudhatu, Yesus akka godhe hunduma.

Abdiin Phaawulos isaaniif kan turee

**NASB** **“Hundee cimaa kan qabuu”**
**NKJV** **“Cimaa”**
**NRSV** **“Kan hin sochoonee”**
**TEV** **“Raawwatee kan hin soochonee”**
**NJB** **“Kan eegamee”**

Jechi wal fakkaataan kun (*bebaios*) 1Qoro 1:8 fi 2Qoro 1:21 fayyadamas irra oolera.

## Mata duree addaa : Wabii

Jechi Girikii kunni *bebaios* dha, innis hiikoota sadii qaba

1. Sirritt ikan beekamuu, amansiisaa, yookaan amanachuu kan danda'amuudha (Room 4:16, 2 Qoro 1:7, Ibi 2:20, 3:6, 14,6:19 2Pheexi 1:10,19).
2. Waan tokko irratti kan jiruu adeemsii amanamummaa kan argamuu yookaan kan irratt imirkanaa'uu (Roome 15:8, Ibi 2:2, Louw and Nida *Greek-English Lexicon of the New Testament*, jecha hundee ingilliffaa guca tokko fuula 340, 377, 670).
3. Paprees irratti inni jecha ogummaa kan ta'ee, wabii seera qabeessummaa fi (Moulton and Milligan, *The Vocabulary of the Greek New Testament,* galmee jechootaa Kakuu Haaraa Girikii fuula 107-18).

## II Qorontos 1:8-11

**[8]Yaa obboloota ko, rakkinni kutaa biyyaa Esiyaa keessatti nura gahe akkam akka turee akka beektan in jaallana, rakkini sun amma nuyii baachuu dhadabnuutti safara malee ulfaataa waan ta'eef, jireenyati hafuu keenyaafi iyyuu abdi kutanne ture*. [9]Akka Waan Firdiin du'aa nuttii faradameeti nuti dhaga'aamee ture, garuu nuyii Waaqayyoo isa warra du'an kaasuu duwwaa malee, ofi keenya akka hin amaneef kun ta'e*. [10]Waaqayyoo sodaachiisaa du'aa isa akkasii keessaa nu oolcheera, nu oolchuufis jira, amma iyyuu deebi'ee akka inni nu oolchuuf abdi keenya isa irra kaa'nera.* [11]Isiniis waa'ee kanaaf nuuf kadhachuu keessanin nu gargaaruu in dandeesu, namoonni baay'een garuummaa inni ittiin nu oolchee kanaaf, nuuf jedhanii Waaqayyoof galata guddaa in galchu*.**

**1:8 "Yaaobboloota, akkabeektaniif in jaallana"**Phaawulosgaalee kana yeroobaay'eefayyadama, yerootokkooyaadahaaraabeeksiisuudhaafyookaangudduunfuuf (Roomee 1:13, 11:25, 1Qoro 10:1, 12:1 2Qoro 1:8, 1Teso 4:13).

▣ **"Rakkinni biyya Eeshiyaatti nurra ga'ee human keenyaa oli nuti ulfaatee ture**", Phaawulos irratti gaalee cimaa kanaan maal akka inni heeruu sirritti hin beeknu.

1. Sababa Dimeexiroosii fi jeequmsa ka'ee Hoji.erga 19:23-41
2. Efeesonitti "bineensaan wallaansoo qabu" 1Qoro 15:32
3. Hidhaa, tarii firdii du'aa (lakk.9-10)
4. Dhukkubii qaama gosa tokkoo

Waan barbaadees haa ta'uu inni Phaawuloosiif kan jireenyaaf kan du'aa shaakala turee (lakk.8-9) akkasumas walumma galaatti waldaan kiristaana aQorontos waa'ee isaa dhageeseeti, sababii isaa Phaawulos wanticha ibsuudhaaf hin barbaachiifne.

B "Baayee kan baay'atee" (*huperbolē*) mata duree addaa kan Phaawulos huper fayyada mawalmakaa 1 Qoro 2:1 irrattiilaali

**1:9 "Mataa keenyaatti du'ii akka nuti murtaa'eetti nutti dhaga'ameera"** kun ibsa hin baratamiin dha. Duraan dursee, "murtii" jechi jedhuu as qofatii dha fayyadama irra kan oolee, barreefama Girikii durii hunduma irraa booda irratti "murtii du'aa" hiika kan qabate (Josephus, Antiquities) (boca durii) 14:10, 6). Phaawulos seera mana murtii kan heeraa jiru in fakkaatuu, haa ta'uu malee miira dhuunfaa isaati, du'atti dhii'aachuu isaa. Kun isaaf hidhata isaa, mataa isaaani guutuu guutuutti gargaarsa Waaqayyootti, gadda, fi humna irratti akka gataniif isaan dirqisiiseera.

Gochamichi gocha xumuramee kan argisiisuu dha. Tokko tokko kana kan ilaalatuu akka karaa dhukkuba waabiitti, kunnis Phaawulosii fi hidhati ergama isaa kan ittin qaban, innis bu'aa itti fufee jiruu kan qabu. Ta'ees, inni hiikamuu kan danda'uu akka gochaati, 2:13 irratti akka jiruu boca wal fakkaata.

Isaan kun hundumtuu kan dabalan gaaleenn kun raawwatee qabatamaa akka hin taanee dha, hiikoota adda addaa baay'eedhaan. Ammam illee dhugummaan isaa haalii qaama isaa ifaa yoo hin taanees hiikii hafuuraa kan Phaawulos ifaa dha rakkinni amantoota in gargaara, guutummaa fi wali galatti Waaqayyoodhaan, Kristoosiin akka amanataniif!

▣ **"Mataa keenyaatti in amananuu"** lakk.4 rakkina kiristaanaa kaayoo dursaa akka ibsuu, lakk.kun kaayyoo lama ibsa. Dhugaan kun Phaawulosiin "waransa foonii" irratti ilalamuu danda'ama (12:7-9). Kan hafuuraa biyya lafaa dadhabbii namootaa amantiidhaa wajjin yeroo walitti hidhatuu humna Waaqayyoo in gadhiisa.

▣ “Waaqayyoodhaanii innis du’aa kan kaasuun” Phaawulos yaadaa kan inni jiruu

1. Fakkeenya Kakuu Moofaa kan ta’an Waaqayyoo deevisee gara jireenya foonitti kan fidee (1 Mootota 17:17-22, 2 Motoo 4:32-37)
2. Ibsa xin-waaqummaa Kakuu Moofaa (Keessa deebii 32:39, 1 Saamu. 2:6, 2 Mooto 5:7)
3. Ibsa du’aa ka’uu isaa (1 Qoro 15)

**1:10 “Abdii kan irratti godhanne inni”** maaqa dhaali isaa Waaqayyoo abbaadha kan inni argisiisuu (lakk.9, 1 Qoro 4:10). Waaqayyoodhaaf akkam kan jiruu waamicha ibsa ajaa’ibsiisa dha. Phaawulos yeroo hundumaa cimaa, ajaa’ibsiisaa, waamicha ibsuutu Waaqayyoodhaaf baasa (1:3 irratti kan jiru tarreefama guutuu ilaali). Akka

1. “Abbaa araaraa” (1:3)
2. “Abbaa jajjabina” (1:3)
3. “Isa danda’uun” (Room 16:25, Efe 3:20)

Gochamichi gocha xumuramee kan argisiisuudha, innis kan darbee gocha xumuramee argisiisa, bu’aa itti fufeenya qabuun (1 Qoro 15:19, 1 Xiimoo 5:5, 6:17).

▣ **“Fayyisaa”** jechi kun yeroo sadii lakk.10 irratti fayyadama irra ooleera. Kunnis kan Kakuu Moofaa kan qaamaa, kan gamtaa, kan miiraa, guddina hafuuraa hordofa. Phaawulos jecha kana yeroo baay’ee itti fayyadameera (Room 7:24, 11:26, 15:31, 2 Qoro 1:10, Qola 1:13, Teso 1:10, 2[ffa] Teso 3:2, 2 Xiimo 3:11, 4:17-18). Inni dhugumatti kan inni yaadee Efesonitti akka du’udha (lakk. 8-10).

▣

**NASB** **“Amma kana kan ga’uu du’a nama qaanesu”**
**NKJV** **“Kana irra baay’ee du’a guddaa”**
**NRSV** **‘Kan akka kanaa du’aa qaneessaa”**
**TEV** **“Kana kan fakkaatuu bal’aa du’a yelaasisaa”**
**NJB** **“Du’a kana fakkaatuu”**

Barreefama Girikii gidduu garagarummaan jira, qeenxee isaatiin “baay’ee du’aa yeellasiisaa” (jechuun MSS a, A, B, C, D, F, G,) fi baay’inaan (jechuun, MS p46 fi hiika Sooriyaa, jedhes barreefama Girikii origin, Basil, Chrysostom, theodoret, Jerome, fi Augustine fayyadama irra kan oole). Kan baay’ee (TEV) baay’ee kan hin baree fi baay’ee kan duritti. Kan baay’ee tarii kan Phaawulos tarreefama rakkina kana kan ilaalamuu, keessatis ta’e allatti kan isa mudatee dha 4:8-12, 6:3-10, 11:23-29 $UBS_4$ lakk.baay’edhaaf “B” sadarkaa kenna (muraasa sirri dha).

**1:1**

**NASB** **“Isinis immoo waa’ee keenyaa utuu kadhatanii wali wajjin utuu nu gargaartaani”**
**NKJV** **“Waa’ee keenyaaf utuu kadhatanii wali wajjin utuu nu gargaartani”**
**NRSV** **“Isinis waa’ee keenya utuu kadhatanii wali wajjin utuu nu gargaaratanii”**
**TEV** **“Isinis waa’ee keenya utuu kadhatanii wali wajjin utuu nu gargaaratanii”**
**NJB** **“Isinis waa’ee keenyaaf utuu kadhatanii kanaafi gahee gootanituu”**

Beektootni baay’een kan amanan ijaarsii seer-luga kanaa (Murry J.Harris in the expositor’s Bible commentery, (kan warra ibsanii ibsa macaafa qulqulluu guca 10 fuula 322) fayydama irra kan oolee bifa haalaatiin (The Anchor, Bible) guca 32A, fuula 115). Amantootni hin kadhatan yoo ta’ee, Waaqai ol jedhaan calumma jechuu fillata (Yaaqoob 4:2). Kunnis kan argisiisuu bu’aa kadhata nama kadhachuuti (Efe 6:18-20). Phaawulos kan inni yaaduu kadhata kiristaanootaa haraara Waaqayyoo wajjin ta’ee du’a irraa akka oolchee dha, akkasumas eegumsaa fi fayyiisuu isaa itii fufa. Waaqayyoon fayyuun Phaawulos baay’eedhaan beekmtii fi galata argachiiseera, isaaniin Phaawulosiin itti fufeenya kan qabuu tajaajili kan eebbisan.

▣ **“Namoota”** kun akkuma jirutti “fuula” dha (jechuun, *Prosōpon*) Phaawulos jecha kana yeroo baay’ee fayyadama 2( 2:10, 3:7 [al lama], 13, 18, 4:6, 5:12, 8:24, 10:1, 7, 11:20) inni tarii kan Kakuu Moofaa waabii ta’a, dhaabbataa dhaaba qaama, kadhata Yihudootaa, mata ol fudhatanii innis qabiyyee barreefama kanaa wajjin sirrtti kan wal fudhatu.

Phaawulos jecha kana bifa baay’eedhaan 2 Qoro in fayyadama.

1. Namootaaf 1:11, 2:10, 4:6
2. Nama duratti, 3:7 (al lama) 13, 18, 10:1, 7,11:20
3. Dubbii haalaa duratti jedhuu, “fuula fuulatti” galumsa jedhuu (kallatti, yeroo osoo hin ta’in) 8:24

4. Dubbii haalaa bifa alaatiin (NRSV) 5:12

## II Qorontos 1:12-14

**[12]Jireenya mnuyii biyya lafaa kana keeessa ittiin jraannee caalaati immoo akki nuyii garaa dhokfannaa malee gowomsaa malees isinii wajjin itti jiraannee, Waaqayyoo biraa ta'uu isaa yaadni garaa keenyaa waan dhugaa nuuf ba'uuf, waan ittiin of jajnu argachuu keenya, kunnis ayyaanna Waaqayyootiin malee, ogummaa biyya lafaatiin miti*. [13]Waan isin dubbistanii hubachuu dandeessan malee nuyi wanta kan biraaa isiniif in caafne, guutumaati akka hubachuuf jirtan nan abdadha*. [14]Amma gara tokkoo isaa yoo nuuf hubatani iyyuu, guyyaa gooftaa Yesusitti akkuma nuyii of jajuu dandeenye isiniis nuuf akka of jajanitti guutummaati nu hubachuuf jirtu.***

**1:12 "Of jajuu dhaadannoo keenyaa"** jechi Girikii kun *kauchaomai, kauchēma,* fi *kauchēsis* yeroo sodimii shani Phaawulosiin fayyadama irra ooleera, kanaafis al lama qofa kan hafee Kakuu Haaraa irratti kan argamu (laman sunis Yaaqoobiin). Kan isaa fayyadamni isaa guddaan 1 fi II Qorontos of jajuu wajjin kan wal qabatee dhugaa lamatuu jira.

1. Foon qabeessii hundumtuu Waaqayyo duratti of hin jajiin/hin dhaadatiin (1 Qoro 1:29, Hoji.erg. 2:9)
2. Amantootni ittiin dhaadachuu kan qaban gooftaadhaan (1 Qoro 1:31, 2 Qoro 10:1 kunnis Ermiyaas 9:23-24 wajjin waabi kan kan ta'e)

Kanaafis, ta'uu kan abii fi ta'uu kan hin qabnee ofjajuu/ dhaadachuun jira (jechuun, of jajuu).

1. Ta'uu kan qabuu
   a. Abdii ulfinaatiin (Roome 4:2)
   b. Karaa gooftaa keenyaa Yesus Kristoos (Room 5:11)
   c. Fannoo gooftaa keenyaa Yesus Kristoosiin (jechuun, qabataman inni guddaan kan Phaawulo, 1 Qoro 1:17-18, Galaa 6:14)
   d. Phaawulos kan ittiin dhaadatuu
      (1) Kan isaa kan jiruu kafaltii kan ta'ee tajaajila (1 Qoro 9:15, 16, 2 Qoro 10:12)
      (2) Kristos irraa kan ta'ee taayitaa isaa (2 Qoro 10:8, 12)
      (3) Dadhabbii namoota biraatiin dhadachuu dhiisuu isaa (tokko tokko Qorontositti akkuma godhan, 2 Qoro 10:15)
      (4) Dhaala sanyiitiin (kan biroon Qorontositti akkuma godhan 2 Qoro 11:17, 12:1, 5,6)
      (5) Waldaa kiristaanaa isaa
         (a) Qorontos (2 Qoro 7:4, 14, 8:24, 9:2, 11:10)
         (b) TEsolonqee (2 Teso 1:4,)
      (6) Jajjabeessuu Waaqayyootiif fayyisuu (2 Qoro 1:12)
2. Ta'uu kan hin qabne
   a. Dhaala Yihudii wajjin kan wal qabatee (Roomee 2:17, 23, 3:27, Galaa 6:13)
   b. Tokko tokko waldaa kiristaanaa Qorontositti of jajaa kan turan
      (1) Namaan (1 Qoro 3:21)
      (2) Ogummaan (1 Qoro 4:7)
      (3) Birmadummaan ([1] Qoro 5:6)
   c. Barsiisoota sobduu waldaa kiristaanaa Qorontositti of jajuu yaalanii turani (2 Qoro 11:12).

▣ **"Dhuga baatii sammuu keenyaa"** Phaawulos "sammuu" jecha jedhuu yeroo baay'ee fayyadama, ergaa Qorontositti (4:4, 8:7, 10, 12, 10:25, 27, 28, 29, 2 Qoro 1:12, 4:2, 5:11,). Innis kan argisiisuu kan safuu miira keessatti, isa kamtuu ta'uu akka qabu akka ta'ee yookiis ta'uu kan hin qabne (Hoji.erg. 23:1, Room 2:15). Sammuun jireenya keenya fuulduraatiif, fillannoo keenya dadhabaadhaaf, yookaan hafuura Waaqayyootiin miidhamuu danda'a. inni geggeeessaa mudaa in qabne miti (1 Qoro 4:4, 8:7, 1Xiimo 4:2), haa ta'uu malee inni amantii nama dhuunfaa daangaa murteessa (1 Xiimo 1:5, 19). Kanaafis sammuun keenyaa baasuudhaaf, ammam illee dogogoraan yookaan dadhabiidhaan yoo ta'ees, rakkoo amantii isa guddaa dha.

Sammuun amantootaa ta'uun kan irra jiru baay'ee baay'ee irratti hundaa'uu kan qabu sagallee Waaqayyooti fi hafuura Waaqayyoo irratti (1 Xiimo 3:9). Waaqayyo amantootaati in farada, ifa qabaniin, haa ta'uu malee amantootni hundumtuu bifa itti fufeenya qabun macaafaa qulqulluudhaa fi hafuuraa qulqulluuf ifa ta'uutu irra jiraata, dabalataaniis ifa, akkasumas bifa itti fufeenya qabuun gooftaa keenya Yesus Kiristosiiif beekumsa isaati akka guddataniif. Qabiyyee barreefama kanaatiin, murtiin bara dhumaa ilaalcha irra jira (lakk.

13-14). Waaqayyoo namoota irratti in murteessa, ifa hubachuu isaani qabaniin, sammuu isanitiin (Room 2:15-16, 9:1, 13:5).

Yaadi Phaawulosiif gochii cimsamee ceepha'aameera, Qorontositti muraaassi barsoiisota sobduun (boqona 10-13). Innis kan fakkaatuu garee lama akka turani dha (1)mormituu garee naannoo fi (2)kan Filisxeem kan naanna'aan garee Yihudii kan ta'an barsiisoota sobduu.

▣ **"Qulqullummaa"** barreefamni Girikii tokko tokkoo "qulqullummaa" qabu (jechuun, $P_{46}$, a*, A, B, C, K, P, fi Coptic NASB, NIV, fi NJB hiikawwaan). Kaan immo salphaa kan jedhu qabu (fakkeenyaaf $a^2$, D, F, G, fi Vulgate, Peshitta, NKJV, NRSV, fi TEV hiikawwaan). Bruce Metzger in A Textual commentery on Greak New Testamtent (ibsa barreefama Kakuu Haaraa Girikii, akka nu argisisuuti hiiktooti UBS$_4$ kan filatee "salphaa kan ta'ee" (haploteti) dha, haa ta'uu malee "D" sadarkaa kenneeraaf, hiikii isaas guutuu guutuutti utuu in ta'iin beekamadha (fuula 612). Sirritti beekuun kun dabalaa kan dhufee Phaawulos "salphaa kan ta'ee" jecha jedhuu fayydamuun isaa dhugaa dha, 11:3 (fi hiika jecha wal fakkaataa "kennuu" dha 8:2, 9:11, 13), haa ta'uu malee barreefamni kam iyyuu *hagiotēti* raawwatee hin fayyadamne.

▣ **"Qajeelummaa"** jechi kun hiika lama qabu, "kennuu" yookaan "qajeellummaa". Innis dubbii haalaa ilaalchaa wajjin kan wal qabatee dha. Ija Kakuu Moofaatiin akka dubbii haalaati fayyadama irra oola kan turee yaadaa fi kara lama dha. (1) ilaalcha ijaa hamaa (barsifata, BDB 949, Keessa deebii 15:9-10) fi (2)ija gaarii (kennuu, BDB 373, 111, cf. pro, 22:9). Yesus fayyadama kana hordofeera (Maati 6:22-23, 20:15). Phaawulos jecha kana kan fayyadamee karaa laman.

1. Salphaa kan ta'ee, qajeelaa, qulqullummaa" (jechuun, kaayyoo dhokkataa tokko illee yookaan qalbi jijjiiranaa sobaa kan hin qabne 2 Qoro 1:12, 11:3, Hoji.erg. 6:5, Qolaa 3:22)
2. "Kennuu" (Roomee 12:8, 2 Qoro 8:2, 9:11, 13).

▣ **"Ogummaa foonitiin utuu in ta'in"** Phaawulos ogummaa foonii tarreesse ibseera, 1 Qoro (1:18-31, 2:1-16 fi 3:18-23 fi bifa ciggootiin 4:10, 6:5 fi tarii 10:15). Phaawulos gaalee gaalee wal fakkaataa fayyadameera ogummaa namaa heeruudhaaf 1 Qoro 1:17, 2:4, 13-14, keeyata kanaan inni ogummaa lafa irraa yookaan jireenya ayyannaa lafa irratti naannoo yaada jedhuun naanneessera, kan Phaawulos ragaan geggeesummaa isaa loogikiidhaan yookaan dubbii beekuudhaan qofa miti, haa ta'uu malee jireenya gaarii fi sammuu qulqulla'aadhaan Waaqayyo duratti. Phaawulos isaaniif ifati, bifa mul'atuun jecha hubachuu danda'aaniin akka barreesseef ibsa. Isaan ogeessoota kan ta'an, ariitiidhaa fi yaalii tokko malee jecha isaa, yaada isaa fi tooftaa jireenyaa wali gala isaa kan hubataniin ture, haa ta'uu malee hin dandeenye.

Phaawulos jecha kana "Foon" karaa baay'een fayyadameera. Mata duree addaa 1 Qoro 1:26 ilaali.

**1:13-14** lakkoofsoti kun qindaa'ummaa wal cinaati, akkasumas kan Phaawulos kan dursuu ergaan Qorontos kan argisiisan fakkatuu (kunnis sirritti kan hin beekamne). Inni kan barreesseef hubannoo akka argatuuf ta'ees, haalii isaaniif tooftaan jireenya isaanii kan argisiisuu muraasa qofa akka hubatanitti.

*Telous* jechii jedhuu hiikii isaa qabiyyee barreefama kanaatiin "xumuru" dha (TEV, NJB, NIV) yookaan "raawwachuu" (NASB, NKJV,NRSV)? Lachanuu in deemsisa. "Xumuruu" kan ta'uu yoo ta'ee (jechuun, guutuu guutuutti fallaa isaa muraasa) inni lakk.14 kutaa jalqabaa wajjin wal qabata. "Raawwata" yoo ta'ee innii "guyyaa gooftaa keenya Yesus" kan jedhuu lakk. 14 dhumma irra kan jiruu wajjin wal cina ta'a.

▣ **"Nuyi sababa barumsa keessaniti, isin nuuf akka taatan"** waldaan kiristaanaa Qorontos milka'ummaa ergamummaa Phaawulos kan mirkaneesituu dha. Phaawulos kan inni barbaaduu jecha isaani, yaada, fi gochawwaan burqaa of jajuu isaaniif, sirrii kan ta'ee of jajuu isaanii akka ta'ee dha, gooftaan murtiif yeroo deebi'uu (jechuun "guyyaa gooftaa keenya Yesus" 1 Qoro 1:8, 5:5, Filli 1:6, 10, 2:16, 1 Teso 5:2, 2 Teso 2:2).

**1:14 "Guyyaa gooftaa keenya Yesus"** "guyyaadhaan" gaaleen jedhuu dubbii haalaa Kakuu Moofaati. Ibsa koo Amos 2:16 irratti kan jiru ilaali.

Gaaleen kun "yeroo sanatti" yookaan "guyyaa sanatti" kan jaarraa sadee karaa raajootaa ture, waa'ee Daawwannaa Waaqayyoo (argamuu) yeroo dubbatan, lamanutiif, murtiidhaaf deebi'uuf.

| **Hosee** | | **Amos** | | **Miikiyaas** | |
|---|---|---|---|---|---|
| Eeyyeen | Alta'aa | Eeyyeen | alta'aa | eeyyeen | alta'aa |
| 1:11 | 1:5 | | 1:14 (2) | | 2:4 |
| | 2:23 | | 2:16 | | 3:6 |
| 2:15 | | | 3:14 | 4:6 | |
| | | | 5:18(2) | | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | 5:20 | | |
| 2:16 | | | 6:3 | | 5:10 |
| 2:21 | 3:18(2) | | 8:3 | | 7:4 |
| | 5:9 | | 8:9(2) | 7:11(2) | |
| | 7:5 | | 8:10 | 7:12 | |
| | 9:5 | 9:11 | 8:13 | | |
| | 10:14 | | | | |

Tarreefamni kunni kan raajooti ittin adda ba'aanii dha. Waaqayyoo cubbuu mormuudhaan hojjeta, yeroo keessatti, garuu immoo guyyaa qalbi jijjiranaatii fi dhiifama laata, isaaniif laphee isaanii fi gocha isaanii kan jijiiraniif! Kaayyoo oolchuu fi deebisuu Waaqayyoo raawwata! Inni amala isaa kan callaqisiisuu uummata qabaata. Kaayyoo uumama (Waaqayyoodhaan nama gidduutti tokkummaa ta'uu) in raawwata!

## 2 Qorontos 1:15-22

**[15]Kun akka ta'uu wanaan amaneef ayyana Waaqayyo si'a lama akka argataniif dura gara keessan dhufuuf**
**akeekeen ture.* [16]Utuun kutaa biyya Maqeedoniyaa hin dhaqiin dura, karaa keessan darbee isin arge,**
**Maqeedoniyaa dhaa yeroon dhufufs gara keessanitti deebi'ee, isin immoo gara kutaa biyya Yihudaatti**
**yemmuun darbuu na gargaartu*. [17]Akeeka kana, "In dhibu" jedheen salphaati baafaadhee re? Yookiin**
**akeeka koo yeroo baafadhuu akkuma namni biyya lafaa kanaa tokkichumaan "eeyyee" jedhee,**
**yemmusummaa immoo "waa'uu" jedhutaan akeekadhaa ree? 1[8]Akka amanamummaan Waaqayyoo**
**dhugaa ta'ee akkasuma dubbin ani isinitti dubbadhuu "eeyyee" "waayuu" jechuudhaan kan garagagaluu**
**miti*. [19]Yesus Kristos ilmi Waaqayyoo, inni Silwaanosiin, Ximootihoosii fi anan isin gidduutti lallabamee**
**"eeyyee" fi "waayuudhaan" gara hin gagale, isa bira yeroo hundumaa "eeyyeetu" jira*. [20]Abdiin**
**Waaqayyoo hundinuu karaa Kristoos "haa ta'uu" jedhamanii in raawwatamuu, kanaaf nus karaa isaa**
**"Ameen" jennee Waaqayyoof galata in galchina*. [21]Isin wajjin jabbeessee kan nu dhaabee, hojii kanaafiis**
**kan nu dibee Waaqayyo dha*. [22]Milikita kan isaa ta'uu keenyaas nutty mallatteessera, qabsiisa garaa**
**keenya keessa ka'anuus hafuura isaa nuuf kenneera*.**

**1:15 "Amanachuu kanaan"** 3:4 irratti yaadannoo guutuu ilaali.

▣ **"Duraan dursee gara keessan dhufuu yaadeen ture"** "an yaadeera" yeroo in xumuramnee dha, innis gocha deddeebi'aa kan ibsu. Asitti kan yaadamuu kan yeroo darbeeti. 1 Qoro 16:2-8 Phaawulos waa'ee deemsa wixenee karooraa itti himeera. Gocha isaanii irraa kan ka'ee, booda irratti yaada isa jijjiire, sababii isaa murtiidhaan gara isaani dhufuu in barbaannee gammachuudhaan malee! Warri muraasni jijjiruu isaa kanaan komataniruu, kunnis karoora deemsa isaa jijjiruu qofa osoo hin ta'in wangeela dabalate (lakk. 18-20).

▣

**NASB** **"Kanaafis eebba dhaabbataa akka fudhataniif"**
**NKJV** **"Akkasumas faayidaa lama akka argataniif"**
**NRSV** **"Kanaafis faayidaa dabalataa akka argataniif"**
**TEV** **"Waan ta'eef lamaffata akka eebbifamtaniif"**
**NJB** **"Kanaafis dacha akka fayyadamtaniif"**

Asitti barreefamni Girikii adda addummaa qaba. Barreefamni tokko tokoo charin qabu, innis charis kan dhufee, hiikii isaas fayyadamuu yookaan fedhaan (jechuun, א*, A, C, D, F, G, fi hiika Sooriyaa fi Armeniyaa).

Barreefamoonni biraan *charan*, qabu, innis *chara*, kan dhufee, hiikii isaas gammachuu, gammaduu yookaan quufa kan ta'ee (jechuun a [2], B, L, P). UBS4 barreefama Girikii charin "B" sadarkaa kenna (guutuu guututti utuu in ta'iin). Qabiyyee barreefama isaatiin (jechuun lakk. 16 kan inni argisiisuu Phaawulos gara Qorontos al lama dhufuu isaati, isaanis asitti isaaf kan barbaachiisuu kennuudhaaf carraa isaa argatai turan, deemsa isaa akka itti fufee (Gordom. Fee, to what end Exegesis? (hiikii hamma eessati) (fuula 99-104).

**1:16 "Akkasumas gara Yihudaati adeemsa koo irratti akka na gargartan"** Phaawulos horii tokko illee waldaa kiristaanaa Qorontos irraa in fudhane yeroo isaan tajaajileeti. Dhimma kana irratti miidhaan akka irra hin geenye sodaate ture. Wantichi yeroo naanna'uutti isaan irraa horii fuhachuu dhiisuun isaa miidhaa irraan ga'ee.

Gaaleen kun kan argisiisuu, waldaan kiristaanaa kunni deemsa Misi'oonumaaii fi kan ishee barbaachisuu akka laatuuf iyyamuu isheeti (1 Qoro 16:6, Roome 15:24). Kun tarii isaaniif wangeelaaf kan isaan qaban amanamummaa qoruuf ta'a, kanaafis ceephoo isaanii cal jechisisuuf.

**1:17 "Akka foonitiin yaadee"** gaaleen kun callaqisisuu kan danda'uu ceephoo Phaawulos (10:2-3, 11:18) yookaan Phaawulos fedha Waaqayyoo barbaadaa jira ta'a, waan godhuu hundumaati, deemsa isaa dabalatee, (1 Qoro 4:19, 16:7, Hoji.erg. 18:21, Room 1:10, 15:32).

Fillanoon laman qabiyyee barreefama kanaa haala fooya'een wali gala, innis lakk.18 A irratti argama. Amanamummaan Waaqayyoo barreefama Phaawulositiin qabatama irra deddeebi'aadha (1Qoro 1:9, 10:13, 1 Teso 5:24, 2 Teso 3:3).

B "Foon" mata duree addaa 1 Qoro 1:26 ilaali.

**1:18 "Waaqayyo kan amanameedha"** kan amanamee dursa godheera, cimsaaf. Barreefamni Phaawulos kun qajeelfama ibsuudha, Waaqayyoodhaa (1 Qoro 1:9, 10:13, 1 Teso 5:24, 2 Teso 3:3) amantii Kakuu Moofaati hubannoon kan dana'aamuu akka amanamummaati. Kunnis amala Waaqayyoo isa guddaa dha (Keessa deebii 7:9, Isaayaas 49:7), gaarummaan isaa, amala amanamummaa qabu in jijjiruu (Milki 3:6). Abdiin ijoollee namaa hojii namaatiin yookaan kennuudhaan miti, haa ta'uu malee amala Waaqayyootii fi abdii isaa irratti male (1:12, 15, 20)!

**1:19 "Ijoollee Waaqayyoo, Kristos Yesus",** Phaawulos "mucaa Waaqayyoo" gaaleen jedhuu yeroo hundumaa hin fayyadamuu (Room 1:4 asitii fi Galaa 2:20). Ta'ees, yaad-rimeen isaatii fi gaalee wal qabataan baay'ee kan baratamani dha. Mata duree addaa 1 Qoro 1:9.

▣ **"Siliwaanoos"** Sillaas, yookaan Siliwaanoos, Phaawulos deemsa misi'oonummaa isa 2 isa wajjin akka deemuu kan fillatee dha, Baranaabaasi fi Yohannis Maariqoos gara Qophorositti deebi'aanii erga deemanii booda

1. Inni jalqaba irratti kan heeramee macafaa qulqulluu keessatii Hoji.erg. 15:22 dha achitis inni obboloota giddutti nama ol jedhee jedhamee waamama, waldaa kiristaanaa Yerusaalemiti.
2. Inni raajii ture (Hoji.erg 15:32)
3. Inni lammii Roomee turee (Hoji.erga 16:37)
4. Isaaf Basiyaan kan jedhamee Yihudaa gara Antihooergamaniiruu, waldaa kiristaanaa Yerusaleemin, haala isaa sakkata'uudhaaf (Hoji.erga 15:22, 30-35).
5. Phaawulos isa 2 Qoro 119 irratti heerera akka hidhata lallabaa wangeelaati.
6. Booda irratti innii Pheexiroosi wajjin ibsameera 1 Pheexiiroos macaafa keessatti (1 Pheexi 5:12).
7. Lamanuu Phaawulosii fi Pheexiroos Silaawanoos jedhanii yeroo waaman, Luqaas Sillaas jedhee waama (kan isa olii bocii kan Haraamahootaa). Innis ta'uu kan danda'uu, Sillaas maqaan Yihudii isaa Siliwaanoos akkasumas immoo maqaa Laatiniti (F.F. Bruce, Paul: Apostle of the heart set free fuula 213).

**1:19-20 "Ta'uu malee isaan eeyyee dha"** lakk. 19 fi 20 haala xin-waaqummaa tiin kan guutamanii dha! Phaawulos cimsaa kan jiruu garee ergamootaa (mataa isaa, Siliwaanoos fi Ximoootihoos) Yesusiin kan labsan akka raawwii abdii Waaqayyooti, akka mucaa Waaqayyootii fi akka ijoollee namaa abdi qophaa isaa, isaaniifis Kakuu Moofaan mul'ata guddaa dodhaniiti! Lallabi isaanii of irraa baasaa hin ture, kan cite malee (lakk. 18). Yesus kan abbaa "eeyyee" dha, abdii tokkon tokkon fedha tokkon tokkooniif, (jechuun, gocha xumuramee kan argisiisuu *ginomai*). Yesusiin jabeessuun, kennaa Waaqayyootiif ulfina kenna.

Hundumtuu waldaa kiristaanaa Qorontositti kan beekamee (1) kan Waaqayyoo (2) kan ilma isaa (3) abdii isaa (Room 9:4 fi (4) kennaa Ayyaanaa isaa karaa garee ergama Phaawulos akka dhufanii dha. Isaan yaada Phaawulosii fi ergaa isaa shakkuu erga jalqabanii wangeela irratti kan isaan qaban amantii dhabu!

**1:20 "Ameen"** 1 Qoro 14:16A yaadannoo ilaali.

▣ **"Ulfina"** mata duree addaa:ulfina 1 Qoro 2:7 ilaali.

**1:21-22** Asitti qinda'ummaa murtaa'ee qaba, lakkoofsoota lamaan kanaan Waaqayyoo maal akka ta'ee kan ibsuu (jechuun "tokko isa") garee misi'oonummaa isaa hojjetee kan raawwatee akkasumas kan jabeessee ta'uu isaa

1. Waaqayyoo nu jajjabeesa lakk 21 (1 Qoro 1:8). kun keeyata gocha ammaati, innis gara itti fufeenya qabuu gocha kan argisiisu. Isaas jechuun mirkaneesuudhaaf, cimsuudhaaf, dhaabataa gochuuf, kan hin raafamne gochuuf, (1:7, Roome 4:16). Jechi kuni Papireesiin fayyadama irra kan oolee wabii seera qabeessumaa ibsuudhaaf (Molten and Milligan) fuula 107.
2. Waaqayyoo nu dibeera lakk. 21 (1 Yoha 2:20, 27). Gochi kuni keeyata ammaati. Gochamichi kan argisiisuu kan xumuraman gocha yeroo tokkooti. Jechichi mataan isaa kan inni callaqisiisuu yaad-rimee Kakuu Moofaati, Waaqayyoo tajaajilaaf geggeesitoota murtaa'an Israa'eelotaaf akka filuu fi akka gahaa godhuu dha.
    a. Raajoota 1 Mooto 19:16 fi akkasumas 1 Seenaa 16:22, Faarf 105:15 wal cina

b. Luboota, Ba'uu 40:15, Leewo 4:3, Faarfan 105:15
c. Moototа 1 Saamu 9:16, Faarf 2:2, 18:50, 20:6, Imba3:13)

Innis jechi Girikii "Kristos" hiiki jedhuu, Masihii argisiisuuf jecha (jechuun, kan dibamee). Amantootni immoo Waaqayyoodhaan fillatamanii guutuu ta'u, kaayyoo mootummaa isaatiif tajaajiluuf.

3. Waaqayyoo nu mallatteessera lakk. 22 (Yohaa 3:33, 6:27, Roome 4:11, 15:28, 1 Qoro 9:2, Hoji.erga 1:13, 4:30, 2 Ximoo 2:19, Mul'ata 7:3-8). Kuni iyyannoo gocha keeyaatati, hiikii isaas wanta tokko yookaan nama tokko mallattoo gochuu dha, qabeenyaa nama biraa ta'uu isaa argisiisuuf yookaan amansisummaa isaaf yookaan sirritti akka eeamee nagaan akka eegamee. Amantootni kan Waaqayyoti!
4. Waaqayyoo hafuura qulqulluu laphee keenya keesatti nuuf kenneera, akka wabiti lakk.22 (5:5, Roome 8:9-16, 23, 26:27, Hoji erga 1:13-14).

   "Nuu kennameera" jechi jedhuu gocha kan biraa keeyata, gocha xumuramee kan argisiisu. Waaqayyoo waan hundumaa ijoollee isaatiif kenneera,

   - In cimsaa kan yeroo ammaa (PRESENT TENSE)
   - in dibaa kan yeroo gochaa (AORIST TENSE)
   - In mallateessaa kan yeroo gochaa (AORIST TENSE)
   - Hafuura isaa kennaa kan gochaa (AORIST TENSE)

Kennaan kun hundumtuu amanamummaa Phaawulos irraa lakk. 15:19-20 irraa kan jiruu wajjin wali gala. Amanachuun Phaawulos abbaadhaa fi ilma , hafuura qulqulluu akkasumas gocha hafuura qulquluu kennaa isaati.

▣ **"Kristoos…Waaqayyoo… hafuura qulqulluu"** sadan tokkummaan wabii keenya irratti hirmaatoo damaqoo akka ta'an hubadhu (itti fufee kan jiruu mata duree addaa ilaali). Ammam illee jechichi "sadan tokkummaa" macaafa qulqulluu irratti yoo hin uumamnees yaad-rimeen isaa irra deddeebi'adha (1 Qoro 12:4-6, 2 Qoro 13:14). Kristosii fi yaada amantii (Keessa deebii 6:4). Ta'es Yesus Waaqummaa amma ta'eeti akkasumas haafurrii qulqulluun qaama sadan yoo qabaatan jechuu dha, ejennoo Waaqummaa tokkoof. Waaqi sadan tokkoo kan ta'ee tokkummaa! Mata duree addaa 1 Qoro 2:10 ilaali.

## Mata duree addaa:Waabdii

A. Kiristaanoonnii tokko tokko beekuu (1 Yoha 5:13)? 1 Yoha kan ittiin sakkataamuu sadii yookaan ragaa qabu.

   1. Kan dooktiriinii (amantii) (lakk.1, 5, 10, 2:18-25, 4:1-6, 14-16, 5:11-12)
   2. Kan tooftaa jireenyaa (aboomamuu) (lakk. 2-3, 2:3-6, 3:1-10, 5:18)
   3. Kan gamtaa (jaalala) (lakk. 2-3, 2:7-11, 3:11-18, 4:7-12, 16-21)

B. Wabiin dhimma kutaa amantaa ta'eera
   1. John Kalviin wabii kan hundeesuu fillannoo Waaqayyo irrati. Inni kan jedhuu jireenya kanatti raawwatee beekuu hin dandeenyu.
   2. John Wessiliy wabii kan hundeessuu shaakala amanta irratti. Inni kan amanuu, nuyi kan beeknuu cubbuu ol jiraachuu akka dandeenyuu dha.
   3. Kaatolikii Roomee fi wabiin waldaa kiristaanaa kiristoos kan hundeessan waldaa kiristaanaa aboo qabdu irratti. Tokkoo gareen ta'uu wabiidhaa fi dhimma furtuu dha.
   4. Baay'een waldooti kiristaanaa wabii kan irratti hundeessan hirmaataa macaafa qulqulluu irrati,jireenya amanaa irraa kan argamuu ija hafuuraa wajjin wal qabsiisanii (Galaa 22-23).

C. Ani akkan yaadutti ilmi namaa kufee wabiin dursaa isaa Waaqa sadan tokkoo wajjin kan wal qabatuu kan ta'ee Waaqaa wajjin.
   1. Jaalala Waaqayyoo abbaa
      a. Yohaannis 3:16, 10:28-29
      b. Roomee 8:31-39
      c. Efesoon 2:5, 8-9
      d. Fillii 1:6
      e. 1 Pheexi 1:3-5
      f. 1 Yohanns 4:7-21
   2. Gocha Waaqayyoo ilmaa

   a. Bakka keenya du'uu isaa
      1) Hoji.erga 2:23
      2) Roome 5:6-11
      3) 2 Qoro 5:21
      4) 1 Yohha 2:2, 4:9-10
   b. Kadhata angafa lubaa (Yoha 17:12)
   c. Kadhata namaaf kadhachuu itti fufeenya qabu
      1) Roome 8:34
      2) Ibiroota 7:25
      3) 1 Yoha 2:1
3. Tajaajila Waaqa hauura qulqulluu
   a. Waamuu (Yoha 6:44, 65)
   b. Mallatteessu
      1) 2 Qoro 1:22, 5:5
      2) Efe 1:13-14, 4:3
   c. Mirkaneessuu
      1) Roomee 8:16-17
      2) 1 Yoha 5:7-13

D. Haa ta'uu malee namooti dirqamatti deebii kennutu irra jiraata, kennaa kakuu Waaqayyootiif (lachanuu ka'umsaas ta'ee itti fufeenyaaf)
   1. Amantootni dirqamatti cubbuu irraa deebi'uu qabu (qalbi jijiirannaa) figara Waaqayyooti karaa Yesus (amantii)
      a. Maariqos 1:15
      b. Hoji.erga 3:16, 19, 20:21
   2. Amantootni dirqamatti Waaqayyoo Kristoosiin kan inni godhee kennaa fudhachuutu irra jiraata
      a. Yohaa 1:12, 3:16
      b. Roome 5:1 (fi Fakkeenya 10:9-13)
      c. Efe 2:5, 8-9
   3. Amantootni dirqamatti amantitii itti fufuu qabu
      a. Maari 13:13
      b. 1 Qoro 15:2
      c. Galaa 6:9
      d. Ibiroota 3:14
      e. 2 Qoro 1:10
      f. Yihuuda 20-21
      g. Mulata 2:2-3, 7, 10, 17, 19, 25-26, 3:5, 10, 11, 21
   4. Amantootni qormaata sadituu isaan mudata
      a. Kan Doktriinii (lakk.1, 5, 10, 2:18-25, 4:1-6, 14-16)
      b. Tooftaa jireenyaa (lakk.2-3, 2:3-6, 3:1-10)
      c. Gan gamtaa (lakk. 2-3, 2:7-11, 3:11-18, 4:7-12, 16-21)

E. Wabiin rakkisaa fha, sababi isaa
   1. Amantootni yeroo hundumaa shaakaloota biraa barbaaduu, jecha macaafa qulqulluutiin kan wal hin simanee
   2. Amantootni yeroo hundumaa wangeela guutumaatti hin hubatan
   3. Amantootni yeroo hundumaa fedha isaanitiin cubbuu hojeechuu itti fufuu (1 Qoro 3:10-15, 9:27, 1 Xiimoo 1:19-20, 2 Xiimo 4:10, 2 Pheexi 1:8-11)
   4. Wantootni dhuunfaa tokko tokkoo (jechuun kan warra mudaa hin qabne) haala ala ta'uu kan

      Waaqayyoo fudhatamaa fi jaalallii raawwatee fudhachuu in danda'ani
   5. Macaafa qulqulluu keessatti amantiin dogogoraa fakkeenya qabu (Maati 13:3-23, 7:21-23, Maari 4:14-20, 2 Pheexi 2:19-20, 1 Yohaa 2:18-19)

**1:22 "Kan nu malltessee"** mata duree addaa Chaapaa 1 Qoro 9:2 ilaali.

▣ **“Lapheewwaan”** mata duree addaa 1 Qoro 14:25 ilaali.

▣ **“Akka qabdiitti”** inni kan dubbatuu lamaanuu, abdii kafaltii guutuu, kan yeroo itti fufutii fi kafaltii muraasa ammaaf. Dursa kafaltii Waaqayyoo jireenya ilma isaatii fi argamuu guutuu hafuura isaati (Efe 1:3-14). 5:5 irraa kan jiruu yaadannoo guutuu ilaalai.

## II Qorontos 1:23-24

**[23]Ani garuuu isin qusachuudhaaf gara Qorontos dhufuu dhiisuu koo Waaqayyo in beekna, kanas Waaqayyoo dhugaa ana irratti haa baasuu. [24]Isin amantitii jabaatanii waan dhaabataniif isin gammachiisuudhaaf isin wajjin hojjena malee, nuyii amantii keessan irratti gooftummaa**

**1:23**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Haa ta’uu malee lubbuu koo irratti Waaqayyoon ragaan waama”** |
| **NKJV** | **“Kanaa olitis lubbuu koo irratti Waaqayyoon ragaan waama”** |
| **NRSV** | **“Haa ta’uu malee Waaqayyoon akka ragaatti nan waama mataa koo irrati”** |
| **TEV** | **“Waaqayyoon akka ragaa kootiin waamaa- inni laphee koo beeka”** |
| **NJB** | **“Jireenya koo irratti Waaqayyoon nan waama ragaa naaf haa ta’uuf”** |

Kun kakuu amanamummaati. Phaawulos kakuu itti deddeebi’ee fayyadama, sagallee isaa jabeesuuf (11:11, 31, Roome 1:9, Galaa 1:20, Filli 1:8, 1 Teso 2:5).

▣ **“Garaa isiniif laafuu”**Phaawulos karoora deemsa isaa jijiiruu fakkeenyummaa jijjiramuu isaa hin ta’u, kan jaalalaa malee. fillannoo isaa qophaa kan ta’uu murtii ta’eeni fi falmiin haala jiruu deeebi’uu in fillane. Barsisootni sobduun yaada isaatii fi gocha isaa faallessaniiru. Phaawulos yaada isaa kallatiidhaan kan dhi’eesse.

▣ **“Gara Qorontositti lama hin dhufne”** falmiin baay’een adeemsifameera, daawwannaa Phaawulos godhee irratti, Efesoon irraa gara Qorontosiitti lakk. ergaa inni ergee irratti. Odeefannoo dabalataa II Qorontos irratti seensa jiru ilaali.

**1:24 “Amantii keessan irratti kan bitnu miti”** asitti taayitaan ergamuummaa Phaawulos tokko tokko gidduutii fi waldaa kiristaanaa hosiiftuu madaallii birmadummaa qabu ilaala. Kan macaafa qulqulluu amantiin, kan kauu amantii, kan jalqabuu fi kan guddatuu fillannoo fedhiitiin, kan jechuun, gamachuu, tasgabaa’uu fi bilchina godhachuu dha.

▣ **“Amantii keessaniin dhaabataniitu”** Phaawulos yaad-rimee kana 1 Qoro 15:1 (Roomee 5:2, 11:20) irratti heerera. Kunnis haala Kakuu Moofaatiin jiraachu danda’a (Faarf. 76:7, 130:3, Naahimiyaa 1:6, Milki 3:2 mata duree addaa 1 Qoro 1:9 ilaali). Inni kan dubbaatuu Waaqayyoon argamuu waan qabaatuuf amantii amansiisaa dha. Haala rakkina Qorontos tureen yoo ilaalamee kun ibsa naasisaa dha, waldaan kiristaanaa Qorontos yoo xinaatee ga’uu barsiisoota sobduutiin hin midhamne ta’a, waldaan kiristaanaa Galaatiyaa akka ta’an. Waldaan kiristaanaa tokko tokkoo cimoo fi qulqulluu turan (jechuun, kan yeroo xumuramee, “isin cimtanii dhaabbatanii turtan, dhaabbatanituus”. Mata duree addaa, dhaabbachuu (histemi) at 1 Qoro 15:1.

## Gaaffiillee maree

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Phaawulos rakkoo waldaa hosiiftuu Qorontos in barreessa yoo ta’ee maaliif ergaa isaa naannoo Akadiyaa hundumaatti akka dubbifamuu barbaadee? (lakk.1)
2. Lamanuu faayidaan rakkina fudhachuu maalii dhaa? Lakk. 4 fi 9 irratti kan heeram?
3. Phaawulos Esiyaati amma dhummaatti rakkini isa mudatee maal turee lakk. 8-10?
4. Phaawulos karoora deemsa isaa sababa jijjiireef maaliif mormiin irra gahee 1 Qoro 16:1-8 fi 2 Qoro 1:12-20?
5. Maaliif sadan Waaqa tokkooti amanaa?

# II Qorontos 2

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Do'annan Phawloos yeroo biraatti darbuu | Waldaa kiristaanaa qulqulleessuu | Waldaa kiristaanaa wajjin walitti dhufeenya isa dhiyoo | Karoora Phawloos keessatti jijjiirama | Phawloos maaliif karoora isaa jijjiire |
| (1:12-2:4) | 1:15-2:2 | (1:12-2:13) | (1:12-2:4) | (1:12-2:11) |
| 1:23-2:4 | Isa balleesseef dhiifama taasisuu | 1:23-2:4 | 1:23-2:4 | |
| Isa balleesseef dhiifama taasisuu | 2:3-11 | | Isa balleesseef dhiifama taasisuu | |
| 2:5-11 | | 2:5-11 | 2:5-11 | 2:5-11 |
| Dhiphina Phaawlsoosii fi boqonnaa | Kiristoosiin moo'icha | | Dhiphina Phaawloos Xiroo'aadaatti | Xiro'aadaa dhaa gara Meqedooniyaa bu'aa |
| 2:12-13 | 2:12-13 | 2:12-13 | 2:12-13 | (2:12-4:6) |
| | | Tajaajila keenya (2:14-3:6) | Mo'icha karaa Kiristoosiin | |
| 2:14-17 | 2:14-17 | 2:14-17 | 2:14-17 | 2:12-3:3 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula vii irraa)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata duraa

2. Keeyyata lamma

3. Keyyata sada

4. Kkk

## Qabiyyee barreefamaa

A. Ibsitoota gidduutti marii baay'een adeemsifameera, Phaawulos waldaati kanatti daawwanaa akka godhee fi xalayaa ammami akka barreesse.boqonnaan kunni marii tuqaa isa guddaa kanaati, sababni isaa inni xalayaa isa duraa fi daawwannaa nama dhukkubsuu waan heeruuf. Qabatamaa kan in ta'iin heeduu lamanuuti barreefama isaatii fi jireenya Phaawulos karaa beekuu keenyaa argama. Safartuun sirri miti.

B. Boqonnaa kana kan ilaalatee tuqaan wal falmii biraan naannootti kan ta'uu, namni yakkaan lakk. 5 fi 6 irratti kan heeramee

   1. 1 Qoro 5 irratti kan heeramee namicha ejjituu wajjin wal fakkaataa akka ta'ee

2. 1 Qoro (1-4) kan dubbatee kan garee tokkoo yookaan geggeessaa waldaa kiristaanaa manaaYerusaaleem irraa kan ta'an geggeesitoota barsiisoota sobduu innis Phaawulos fuula fuulatti kan isaan mormee, daawannaa hamaa ta'ee kanaan (2 Qoro 10-13).

C. Ifatti akka mul'atuu qoqodiinsi boqonnichaa sirri miti. Boqonnaan lamaa wali galatti kan inni qabatuu karoora deemsa Phaawulos ibsa, innis 2 Qoro 1:15 kan heerame wajjin.

D. Dhimma mata duree keessaa kan ba'ee yookaan hammatuu kan ta'ee wanta guddaa qaba, 2 Qoro 2:14 jalqabee. Phaawulos Maqeedooniyaati Tiitoo wajjin marii inni godhee kan ilaalatee hanga 2 Qoro 7:5 tti itti hin deebine. Ani Waaqayyoon nan gallateefadha waa'ee yaada ba'ee kanaaf sababi isaa laphee Phaawulosii fi Yesus Kristoosiif jaalala cimaa qabaachuu isaa nu argisiseera waan ta'eef!

## QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

### II Qorontos 2:1-4

**[1]Ani deebi'ee isin gadisiisuudhaaf gara keessan akka hin dhufne murtoo godheera*. [2]Isiniin gadisiisa yoo ta'ee immo warrumma ani isaan gadisisee irraa kan hafee eenyutu na gammachi ree?* [3]Gara keessanis dhufee, namoomnni warri na gammachisuun isaaniif ta'uu akka ana hin gadisfneef kana isiiniif caafeera, gammaduu kooti isinis akka gammadan isin hin mamu*. [4]Yaadni garaa koo guddaa utuu rakkatuu utuu dhiphatuus imimaan baay'ee lolaasaa isiinif caafuun koo, jaalala guddaa ani isiniif qabu sana akka beektaniif malee, isin gadisiisuuf miti*.**

**2:1**
**NASB, NKJV** **"Haa ta'uu malee"**
**NRSV, TEV**
**NIV, REB** **"Kanaafiis"**
**NJB** **"Egaa"**
**RSV** **'Fi"**

Barreefamni Girikii adda addummaa qabuu karaa "fi" gidduu (jechuun *gar*, p[46], fi B) fi "garuu" (jechuun *de*, a,, A, C, D, F, G). UBS[4] "B" "C" sadarkaa kennuu, hiikii isaas murteessuu akka hin dandeenyee dha. Walingii yeroo hundumaa hiikaa fi haaloota dhimma kana garuu miira himichaati dhimmicha kan murteessu.

▣
**NASB** **"Kana mataa kootiif jedhee murteesseera"**
**NKJV** **"Kana mataa kootiif jedhee murteessera"**
**NRSV, TEV**
**NJB** **"Mataa koo irratti murteessera"**

Kun kan argisiisuu kan fakkaatuu Phaawulos waa'ee dhimma kanaa hafuura qulqulluu iraa wanta adda ta'ee akka hin qabaanee dha. Inni yeroo baay'ee hafuura qulqulluudhaan akkamitti karoora deemsa isaati akka isa geggeesse heerera (Hoji.erg. 16:9-10, 18:21, Roome 1:10, 15:32, 1 Qoro 4:19) yeroo kanatti garuu qajeelfama adda ta'ee in argannee, akkasumas akka hin dhufne murteesseera.

▣ **"Lamaffata gara keessan gaddaan akkan hin dhufne"** Phaawulos adeemsa sada Qorontos 12:14, 13:1 irratti heereera. Hojii ergamootaa daawwaannaa nama dhukkubsuu lamaffataa kana hin galmeesine. Ka'umsi isaa turmaata Qorontos Hoji.erga 18:1-11 irratti heereera. Seensa irratti gabatee jiruu, E guuyyaa irratti ilaali, "daawwannaa" c. inni tarii kan uumamaee Qoro 1 fi 2 gidduuti.

**2:2 "Akka"** kunni ramaddii tokkoo hima haalaati innis yaada barreesichaa yookaan haala kaayyoo barreefamichaatinn sirridha jedhamee kan yaadamu. Kan Phaawulos daawwanaan lama waldaa kiristaanaa gadisiseera. Lakk.kanaafi NJB hiikaan filladha, "yoon kan isin gaddisiisuu ta'ee illee, kanin isiin gaddisiisuu sun qophaa isaa burqaa gammachuu kooti ta'a". Phaawulos itti gaafatamummaan ergamummaa isaa mari'aachuu kan qabu kallattin hn gammachiisuu.

**2:3 "Kaniin isin barreessesi yaada sirri ta'ee dha"** lakkoofsoota kana ibsuudhaaf wixinee yaadaa baay'ee qaba.

1. Tokko tokkoo kana kan waamaan xalayaa gochaa jechuudhaan, kana jechuun inni kan heeruu II Qorontosidha (NJB)

2. Tokko tokkoo kan amanan kun kan heeruu I Qorontosiidha.
3. Kan biroon kan amanan kun kan argisiisuu duraan dursee kan badee 1 Qoro 5:9 xalayaa heeree dha.
4. Kan biroon kan yaadan kun kan argisiisuu xalayaa cimaa badee dha, tarii muraasii 2 Qoro 10-13 irra kan itti qabatee dha

**2:4** lakk.kuni bifa qulqullaa'een kan mul'isuu kan Phaawulos kan laphee fi miiraa dhiphina, innis, daawwannaa nama dhukkubsuun yeroo sanatti kan irra gahe. Akkasumas, dhugaa isaa dubbata, akkam dhiphisaa akka ture. Akka ogeessaa fayyaa gaariiti, al tokko tokko dhiphinni barbaachiisa ta'uu isaa Phaawulos hubateera, fayyina yeroo dheeraatiif.

Phaawulos hima kanaan gochama wal cinaa lama fayyadameera, sababi isaa namooti yeroo tokko tokko sirrefama gaarummaadhaan waan in fudhanneef. Waaqayyoo nama hundumaa fedha bilisaatiin uumeera, lamanuu kan kabajamaniif wantoota bal'aa ta'aanii dha. Inni kan gammachuutii fi kan haraa'umsaa humna kuufamee yookaan hadha'ummaa fi itti fufeenya kan qabuu hameenya.

▣

**NASB** **"keessumati"**
**NKJV, NRSV** **"Kan baay'atee"**
**NJB** **"akkam kan baay'atee"**

Lakk.kun immoo isa tokkoo amala jecha Phaawulos hammata, innis Qorontositti ergaa isaa irratti yeroo hundumaa kan fayyadamee (jechuun perissoteros). 1:5 irratti yaadannoo guutuu jiruu yookaan mata duree addaa 2:7 irratti ilaali.

## II Qorontos 2:5-11

**[5]Egaa namni tokko isa kaan yoo gadisisee ana gadisisee miti, karaa gara tokkoo garuu irra tuulluu in ta'iin malee isin hunduma keessan gadisiisuu isaati.* [6]Nama akkasi kana adabni baay'een keessan irratti wali galtani kanaan dura isa adabdan, inni ga'a. [7]Namichi gadda baay'ee guddaadhaan liqimfamuu isaa irra, isin yakka isaa dhiiftaanii fi isa jajjabeessuun isiinif ta'a*. [8]Egaa isa jaallachuu keessan argisiisuudhaaf akka walii galtan isinaan gorsa*. [9]Kanaafis ani wanta hundumaati aboomamuu ta'uu keessan qoree beekuudhaaf isii caafeera*. [10]Nama isin yakka isaa dhiiftaniif anis immoo nan dhiisaaf, wanti ani namaaf dhiisuu jira yoo ta'ee, sababii keessaniif jedhee fuula Kristoos duratti dhiseeraaf*. [11]Akeekii seexanaa maal akka ta'ee waan beeknuuf, seexanii akka nu hin gowomsineef kana hin goona*.**

**2:5** Lakk.kun hiikuuf baay'ee rakkiisaa dha! Ani kanan amanuu hiikin RSV fi hiikaan Fillipsii tarii kan wayyuu akka ta'aani dha "eenyu iyyuu kan gadisiisuu yoo ta'ee, inni anaan kan na miidhee itti hint ole, haa ta'uu malee safartuu tokko tokkoon (haala hamaadhaan kaa'uu dhiisuu irraa) isin hundumtii keessan malee." hima kanaan namni heerame hin jiru, kanaafis tokko tokko kan wajjin deemsisan (1) Waldaa kiristaanaa guutummaa ishee (cf. NKJV, NJB, RSV, Phillips, NIV, NEB) yookaan (2) namni mufachiisee (cf. KNOX hiika).

Kun "Inni" eenyuu dha, rakkina kan itti uumee? Yaadoota baay'ee adda addaa qabaatu

1. Inni kan argisiisuu 1 Qoro 5:9 dha, namicha haadha manaa abbaa isaa fuudhe
2. Inni kan argisiisuu garee isa tokkoo yookaan waldaa kiristaanaa manaa geggeessaa hamaa
3. Inni kan argisiisuu harkifataa garreewwaan isaanii "geggeesitoota" kan jedhanii jedha kan deddeebisuu nama dhuunfaa, kunnis Filisxeemoota irra, Phaawulosiin fuulaa fuulaatti kan isa mudatee, gara Qorontositti yeroo deebi'uu, akkasumas walumma galatti waldaan kiristaanaa Phaawulosiif in dhorkine, dirqamatti gochuun utuu ishee irraa eegamu.

▣ **"Akka"** kun ramaddii tokkoo hima haalaati. Tokkoo gaddaa uumeera, Phaawulos irrattis ta'ee waldatti kiristaanaa wali gala irrattis (gocha xumuramee kan argisiisuu akkasumas rakkoon isaanii in hafuu).

**2:6 "Adabbi kun innis baay'eedhaan kan gatamee"** murtichii wwalumma galatti wali galuu miti. Phaawulos waraansi yeroo irra ga'uu, warra warraansa irraan ga'aaniif yaadeera (lakk.7) akkasumas waan hafuuraa ajajuu isaa, innis jeeqamsaa fi wallaansoo uumuu waa'ee danda'uu isaa (lakk.11).

"Baay'een isaanii" kan jedhuun heeramuu isaanii, Phaawulos akkamittin gadi of qabuudhaan waldaa kiristaanaa akka ilaaluu dha. Inni ormootaaf ergamaa ta'ee akka waamamee yoo itti dhaga'amee iyyuu garuu, gamtaa amantootaa kanaa fuula geggeessuu in anbisne. Phaawulos ergaa isaa keessatti madaallii guddaa qaba, aboo ajajuutii fi (jechuun Galaatiyaa fi 1 Qoro 5), akkasumas kan naannoo geggeessaa barbaachisuu isaa. Kakuu Haaraan seera bifa sadii qaba kan ergamaa (jechuun, Ephis Qophoos) geggeesitoota naannoo (jechuun (Prespeteriyaan) abbootiin amantii fi gamtaa amantootaa (jechuun, tokkon tokkon amanaa). Hoji.erg. 15 sadanuun isaanii abbaa murtii qabu, adeemsa seera waldaa kiristaanaa keessatti kan galan. Inni, isa kamtuu macaafa qulqulluudha inni jedhuu miti, hundumtuu akkasuma. Inni amantoota gaarii qajeelfama macaafa qulqulluutiin dhimma adeemuuti, yaada dhuunfaa utuu in ta'in.

**2:7 "caalaatti haa hafuu jedhaa jajjabeesaas"** gochi lamaan kun kan hin murtoofnee dha. Seerri waldaa kiristaanaa raawwatee kan ijaa ba'uu ta'uun irra hin jiraatu, haa ta'uu malee yeroo hundumaa in oolcha (Galaa 6:1). Cubbuun mulachuu qabaata, haa ta'uu malee immoo haguuguu (jechuun, Waaqayyoon haa hafuu kan jedhamee waldaa kiristaanaatiin haa hafuu kan jedhame) erga bakkee ba'ee booda. "Jajjabeessuu" 1:4-11 irratti kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

▣

**NASB** **"Hagaa oli gaddi fudhachuu waan danda'uuf"**
**NKJV** **"Gadda humnaa olitiin akka hin liqimsameef"**
**NRSV** **"Gadda humna oli baay'atuun akka hin fudhatamneef"**
**TEV** **"Baay'ee gaddee guutuu guutuutti abdii akka hin kutneef"**
**NJB** **"Baayina gaddaan akka hin liqimfameef"**

Gaaleen jalqabaa akkuma jiruuti "gadda baay'ee baay'atuun, kan akkasii kan liqimsuu akka hin taaneef "kan jedhuu dha. Kana gadii kan jiruu mata duree addaa ilaali.

Jechi lamman *katapinō*, akkasumas immoo jecha haalaa cimee dha. Innis akkumma jirutti "liqimfamuu "dha. Inni bifa alta'aadhaan 2 Qoro 5:4 fayyaadama irra kan oolee (jechuun, jireenya liqimfame). Al ta'ummaan isaa isa jechuun balleessuu jechuu dha (1 Qoro 15:54, 3 Qorontos 2:7, Ibiroota 11:29, 1 Phaaexi 5:8).

Shaakalli dhuunfaa Phaawulos leenjiin dubbii beekumsa dhugumati gadi faggeenya cubbuutii fi ol jechuu ayyaana Waaqayyoo fi araara isaa akka hubatuuf dandeesiseera. Jechi isaa fillannoon gadi fageenya miira isaa mul'isa.

## Mata duree addaa: Kan baay'atee (*perisseuō*)

Phaawulos jecha kana yeroo baay'eee fayyadama.

1. Dhugaan Waaqayyoo ulfina isaatiif baay'aateera Room 3:7
2. Kennaan bilisaa isaa ayyana isa tokkoo, Yesus Kristos baay'ateera Room 5:15
3. Amantootni abdiidhaan baay'atu Room 15:13
4. Amantootni Waaqayyo duratti tolaa hin ta'an, nyaata murtaa'ee nyaachuudhaan yookaan nyaachuu dhiisuudhaan 1 Qoro 8:8
5. Amantootni waldaa kiristaanaa cimsuudhaaf isaaniif baay'ata 1 Qoro 14:12
6. Amantootni hojiin gooftaa isaaniif baay'ata 1 Qoro 15:58
7. Amantootni rakkina gooftaa baay'isanii in hirmaatuu akkasumas jajjabeessuu gooftaas baay'isani 2 Qoro 1:5
8. Tajaajila tolaa ulfinaan baay'aata 2 Qoro 3:9
9. Galatti amantoota Waaqayyoof ulfina baay'isa 2 Qoro 4:15
10. Gammachuun amantootaa in baay'ata 2 Qoro 8:2
11. Amantootni waan hundumaatiin isaaniif baay'ata (amanti, mudaa malee, beekumsa, ogummaa, fi jaalala),akkasumas waldaa kiristaanaa Yerusaleemiif kan ta'u kennaa 2 Qoro 8:7
12. Ayyaanni hundumtuu amantootaaf in baay'ata 2 Qoro 9:8
13. Galatti irraa hafaa kan amantootaa Waaqayyoodhaaf, 2 Qoro 9:12
14. Kan Waaqayyoo badhaadhummaan ayyaanna isaa amantoota irratti baay'ata Efe 1:8
15. Jaalalli amantootaa amma iyyuu dabalaa dabalaa adeema Filli 1:9
16. Amantootni Phaawulositti amanachuu isaani Kristoosiin in baay'ata Filli 1:26
17. Kan irraa hafee qabaatuu Filli 4:12, 18
18. Amantootni galataan irra dhangalaasuu Qolaa 2:7

19. Amantootni wali walii isaaniif jaalala qaban dabalaa fi baay'achaa deema 1 Teso 3:12
20. Tooftaa jireenyaa gaarii baay'iisuu 1 Teso 4:1
21. Amantootaaf hidhati hojii jaalala ta'uu baay'isuun 1 Teso 4:10

Kan Phaawulos kara Kristoos kan ta'ee ayyaana hubachuu Waaqayyoo "ol jedhaa fi kan caale" dha akkasumas immoo amantooti kanaan "ol jedhaa fi kan caalee" ayyaannaa fi jaalala jireenya guyyaa guyyaa in adeemu turan.

**2:8 "Jaalala isaaf qabdan immoo akka cimsitaniif isiiniin yaadachisa"** kun kan argisiisuu ibsa molquuti, yookaan gocha seeraa, jecha abbaa abootiin (Galaa 3:15 irratti kan jiru fayyadama jechaa) waldaa kiristaanaatiif yaada jaalalaa irraa kan ka'ee. Isas jechuun kan danda'amuu dhugaa waan tokko kan argisiisuu jecha haalaati (Louw fi Nida fi , fuula 668).

**2:9 "Ani barreesseera"** 2:3 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Qoromsa"** kun kan argisiisuu dunbuloo sibiilaa jabina isaanii mirkaneessuuf kan godhamuu dha. Innis Kakuu Haaraati jiraachuu kan danda'uu hiikii "tolaa gochuu fi ilaaluudhaan qoruu dha" mata duree addaa "qoruu" 1 Qoro 3:13 ilaali.

▣ **"Waan hundumaatiin ajajamoo ta'uu keessan"** kun qormaata amanamummaa isaaniti, taayitaa Phaawulosiif. Kun (7:15, 10:6) dhimma ture. Garaagarummaan barreefama Girikii "akka ta'ee" wajjin kan adeemu qabaata. Tokko tokko MSS kan inni qabaatuu

1. *Ei* – a, C, D, F, G
2. *h* – A, B
3. irra ce'e – $P_{46}$

Inni kan fakkaatuu p46, ammam illee kan durii yoo ta'ee aritiidhaan kan hojjetame, akkasumas yeroo hundumaa jecha yookaan gaalleewwan mudaa itti godha. Fillannoo biraa kan ilaalate, haala wal fakkaataadhaan kan dubbifaman. Baay'een barreefamni Girikii durii garagalfamaa kan turan nama tokkoon barreefamichi utuu dubbifamuu namoota baay'eedhaan immoo in barreefama ture. Akkasumas, kana kan fakkaatan sagallee wajjin gara garummaa adeeman kan baratamanii dha. $UBS_4$ fillannoo lakk. 1"C" sadarkaa kenna (kan beekame).

**2:10 "Dhiifama"** jechi kun charizomai (lakk. 7, 10, 12:13) chiro hundee jedhuu irraati, hiiki isaas gammaduu, gammachuu gochuu. Qabiyyee barreefama kanaan hiikii isaa ayyana isaan haa hafuu jechuu yookaan barachuu dha (2:7, 10 [al sadii]).

Phaawulosi baay'een haa hafuu akka jedhan gaaffateera lakk. 7 irrati (kan gocha gidduu galleessaa kan hin murtaa'in) lakk. 10 gaafficha irra deebi'eera (kan ammaa giddu galleessa kan argisiisuu) lakk. 10 irratti kan isaa mirkaneessera (jechuun, maqaa dhaala namummaa ego) kan ayyaanaa itti fufeenya kan qabu dhiifamicha isa balleeseef (lama kan xumuraan giddu galleessa kan argisiisan).

▣ **"Akka"** kun ramaddii tokko hima haalaati. Phaawulos mataa isaa dhiifama isa balleesseef dhi'eesa.

▣ **"Isiniif jedhee Kristoos duratti"** kun Phaawulosiif karaa inni itin kadhatuu dha, jechuun deebi'uu isa balleessee waldaan kiristaanaa akka jabeessu. Inni mataan isaa gochuu danda'a, jaalala Kristoosiif qabu irraan kan ka'e.

**2:11**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Kanaafis seexanni nurratti faayidaa akka hin argane"** |
| **NKJV** | **"seexannii nurratti carrraa akka hin argane"** |
| **NRSV** | **"Kanaafis seexanaan akka hin goowomne"** |
| **TEV** | **"seexanni carraa mijataa akka hin arganneef jechuuf"** |
| **NJB** | **"seexanaan gowoomfamuu dhabamsiisuuf"** |

Lakk.kun humna qaama isa hamaa mirkaneessa, addunyaa keenay irratti karoora Waaqayyoo boodatti harkisuuf. Phaawulos maqoota adda addatiin waama, II Qorontos.

1. Seexana 2:11, 11:14, 12:7
2. "kan bara kanaa (biyya lafaa) Waaqa" 4:4

3. “Beelhoor”6:15
4. “boficha” 11:3

“Nuyii” kan inni argisiisuu Phaawulos mataa isaati yookaan Phaawulosii fi waldaa kiristaanaa Qorontos. Beekuudhaaf ajaaj’ibsiisaa kan ta’uu seexannii karaa lamaanuu akka qoruu dha gara hamaati jal’isuudhaaf gaarii irraa deebisuudhaan. Sirrii kan hin taanee, araara kan hin goonee, kan dheekamu, yookaan of tuulaa haalaa, karaa waldaa kiristaanaatiin yeroo ta’uu seexanaaf balbala bana, tokkummaa jeequudhaaf. Mata duree addaa qaama hamaa 1 Qoro 7:5 ilaali.

▣ **“Yaada isaa hin dogogoruu hoo”** hamaan jireenya keenya balleessuu yaalaa (Efe 4:14, 6:10-18). Amantootni itti fufanii kan hin beekne ta’u (jechuun *agnoeō*) kan isaa (yaada) hammeeyna.

## Mata duree addaa:Yaada (jalina)

Jechi Giriki kun *noēma* dha. Innis Phaawulosiin ala shani fayyadama irra ooleera, II Qorontos irratti fi yeroo biraa al tokkoo Filli 4:7 irratti. Innis *nous*,jala, hiiki isaas yaada yookaan yaaduu kan ta’ee. Phaawulos kana karaa lama ijaareera.

A. Hameenya yookiin yaada badiisaa
   1. Yaada seexanaa 2 Qoroo 2:11
   2. Yaadi kan jabaatee fi amanuu dhiisuun kan hagugamee 2 Qoro 3:14
   3. Yaada seexanaan jamfamee (waaqa biyya lafaa kanaa) 2 Qoro 4:4
   4. Yaada sexanaan dogogoree (akka Hewwaan) gara dogogoraati kan geggeesuu (2 Qoro 11:3)
B. Yaada gaarii
   1. Tokkon tokkon yaada qabuu ristoosiif aboomsiisu 2 Qoro 10:5
   2. Nagaa Waaqayyoo yaada hundumaa irra kan darbuu (jechuun, *nous*) yaada keessaniif laphee keessan in eega (jechuun, *noemata*)

Yaada namootaatii fi dandeetii afaanii kutaa fakkaati Waaqayyooti. Yaada keenya hatuu danda’a akkasuma itti fayyadama seexanaa haa ta’uuf. Isaaniis bifa ajaa’ibsiisaadhaan humna Waaqayyootiin guutamuu danda’a, ulfinaa fi mootumaa isaatiis. Nutii yaada keenyaa fi karoora keenyaaf soortuu yaada keenyaati.

## II Qorontos 2:12-13

**[12]Wangeela Kristoos lallabuudhaaf mandara Xiroohaas yemmuun dhufee gooftaan karaa anaaf banuu isaa nan arge*. [13]Obboleessa koo Tiitoosiin achii waanan dhabeef garuu, yaadni koo hin ciifne, kanaafaan namootaati nagaa dhaamee, achi ba’ee kutaa biyya Maqeedooniyaati darbe*.**

**2:12 “Gara Xiroohaadaa yeroon dhufee”** kun 1 Qoro 16:5 karoora deemsaa ilaalata (Hoji.erga 16:8-11). Phaawulos ifatti Qorontossiti tokko tokkoon ifatti waraansii irra ga’eera sababii isaa karoorri deemsa isaa hojii irra waan in ooleef. Phaawulos maaliif akka ta’ee ibseera.

▣ **“Hojii gooftaatiif ammam illee balbalii yoo banamee”,** kun keeyata xumuramee hojii irra ooleera, Waaqayyoo carra kanaa wangeelaa fi akka bane cimsa kan itti kennu dha, akkasumas banamee akka turu! “Balbala banamaa” dubbii haalaa Phaawulos kan beekamee dha (1 Qoro 16:9, Qola 4:3 akkasumas immoo Hoji.erga. 14:27 fi Mul’ata 3:8). Gaaleen kun cimsa kan itti laatuu humna jabaa Waaqayyoo oolchuu Masiihitiin raawwii tajaajilaan kan argaamu, fi kadhata hafuura qulqulluu innis wangeelaa fi duuka buutuu kiristaanaatiif (Maati 28:19-20 fi Hoji. Erg. 15:3-4, 12, 21:19). Mata duree addaa 1 Qoro 16:9 ilaali.

**2:13 “Hafuurrii koo boqonnaa hin qabanee ture”** kun “hafuura” fayyadama, innis nama dhuunfaa irraa yookiin eenummaa mataa ofii wajjin akka wal fakkaataa kan ta’ee (1:13, 1 Qoro 16:18). Phaawulos itti fufeenyaan dhiphateera (gocha xumurame kana argisiisuu) waa’ee Qorontosiif (7:5). Kan Phaawulos bakki duwwaan bifa hin baratamneen fiigeera, kan keessan eegeera. Inni Xiroohaadaati balabala banamee dhiiseera, waldaa kiristaanaa Qorontosii fi dirqamsifamuu qaba turee fi sodaa. Phaawulos kan qoqodamtee of jajoota waldaa kiristaanaa kana jaallateera!

▣ **"Tiitoo waaniin hin arganeef"** Phaawulos duraan dursee Xiimootihoosiin gara Qorontositti ergeera, haa ta'uu malee ifatti waldaati kiristaanaatiin simatuun gaariin hin godhamneef, kanaaf Phaawulos Tiitoo erge, xalayaa cimaadhaan (2:3-4). Phaawulos yeroo eegameeti isa irraa waan hin dhageenyeef baay'ee dhiphate.

Tiitoon II Qorontos irratti yeroo baay'ee heerameera (2:13, 7:6, 13, 14, 8:6, 16, 23, 12:18).

## Mata duree addaa: Tiitoos

A. Tiitoon baay'ee Phaawulosiif kan amanamee hidhata hojii keessaa isa tokko ture kanaafiis ragaa kan ta'uu dhugaan, Phaawulos isa naannoo rakkinaa kan ta'an Qorontosii fi Qarxees erguu isaati.
B. Inni guutuu guutuutti orma ture (Xiimootohos wallakkaa qofaan Girikin ture) lallaba Phaawulosiin kan jijjiiramee. Phaawulos isa dhagna qabuuf dideera (Galaa 2).
C. Innis ergaa Phaawulosiin yeroo heeddu heerama. (2 Qoro 2:13, 7:6-15, 8:6-24, 12:18, Galaa 2:1-3, 2 Xiimo 4:10) akkasumas baay'ee kan nama ajaa'ibsiisuu Luqaas hoji ergamootaa irratti isa heeruu dhiisuu isaati. Ibsi tokko tokko kan isaan teesisan wixineen yaadaa (1)inni tarii fira Luqaas ta'a (tarii obbooleessa) akkasuma s maqaa isaa itti galchuun ilaalamuu kan danda'uu haalaa aadaatiin sirri akka hin taanee dha, karaa Luqaas yookaan (2) Tiitoon burqaa odeeffannoo isa guddaa ture, waa'ee jireenyaa fi tajaajila Phaawulos, fi kanaafis, akka Luqaas, maqaan isaa hin heeramne.
D. Inni Phaawulosii fi Baranabaasiin hidhata, walga'ii Yerusaalem isa guddaa hundumaa irrati, kunnis Hoji ergamoota 15:kan galmeesse.
E. Macaafni Tiitoo kan inni xiyaafatuu gorsa Phaawulos kenu irratti, Tiitoon hojiin inni Qarxeesi qabu. Tiitoon kan Hojjeetu akka Phaawulos itti waamamaa ta'eeti.
F. Waa'ee tiitoo Kakuu Haaraa keessatti ragaa dhummaa kan argamuu, inni hojjiidhaaf gara Dilmaaxiyaa yeroo ergamuu dha (2 Ximoo 4:10).

▣ **"Gara Maqeedoniyaan deemee"** yaada Phaawulos irratti kan hammatu qaba, haga II Qorontos 7:5 ti. Inni ala ba'ee waa'ee Kristos Waaqayyoof galata galchuudha! Ergaan ala ba'uu baay'ee barreedaa dha akkasumas kan gargaaruu, Waaqayyoon waa'ee isaa Akka galateefanuuf. Baay'een kan Phawulos luqisiin yaadataman erga ala ba'ee kana keessaa argama.

**II Qorontos 2:14-17**

**[14]Waaqayyoo isa yeroo hundumaa karaa Kristoos akka warra mo'ee duula galuutti nu adeemsiisuuf, Kristoosiin beekuus akka foolii urgaa'uutti harka keenyaan iddoo hundumaan isa ga'uuf galanni haa ta'uu*. [15]Nuyii, warra karaa fayyinnaa irra jiraniif warra karaa badiisaa irra jiraniifis fooliin Kristos isa Waaqayyooti urgaa'uu dha*. [16]Warra karaa badiisaa irra jiraaniif foolii du'aa isa nama ajeesuu, warra karaa fayyinnaa irra jiraniif garuu foolii jireenyaa isa nama jiraachisuu dha, egaa eenyutu hojii akkasii kanaaf ta'a ree*? [17]Nuyii akka warra Waaqayyoo biraa ergamanitti karaa Kristoos fuula Waaqayyoo duratti garaa guutuudhaan dubbanuu malee akka namoonni baay'ee dubbii Waaqayyoo mi'a harkatii gatii dhabee fakkeessaniti miti.**

**2:14 "Waaqayyoof galannii haa ta'uu"** itti fufee kan jiru mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa:Galata Phaawulos, galata, fi ol ol qabuu Waaqayyoof

Phaawulos nama galataa ture. Inni Kakuu Moofaa beeka. Tokkon tokkon kan ramaddii tokkooffa dursa (jechuun, Macaafa) kan faarfaatichaa kan raawwatuu Waaqayyoon ol ol qabuudhaan (Faarf. 41:13, 72:19, 89:52, 106:48). Inni Waaqayyoon galateefata ol ol qabas , karaa adda addaa baay'eedhaan.

1. Keeyata bantuu ergichaa
   a. Bantuu eebbaa yookaan nagaa (Room 1:7, 1 Qoro 1:3, 2 Qoro 1:2
   b. Bantuu eebbaa (*eulogētos*, 2 Qoro 1:3-4, Efe 1:3-14)
2. Jecha galataa gabaabaa
   a. Roomee 1:25, 9:5
   b. 2 Qoro 11:31

3. Ol ol qaqabuu (amalli fayyadamuu isaa) (1)DOXA (jechuun ulfinaa) fi (2) ("Bara amma bara baraa")
    a. Roomee 11:36, 16:25-27
    b. Efe 3:20-21
    c. Filli 4:20
    d. 1 Xiimoo 1:17
    e. 2 Ximoo 4:18
4. Gallateefachuu (jechuun, *eucharisteō*)
    a. Bantuu ergaa (Roomee 1:8, 1 Qoro 1:4, 2 Qoro 1:11, Efe 1:16, Filli 1:3, Qolaa 1:3, 12, 1 Teso 1:2, 2 Teso 1:3, Fillimoona lakk.4, 1 Xiimoo 1:12, 2 Xiimoo 1:3).
    b. Gallateefachuuf waamuu (Efe 5:4, 20, Filli 4:6, Qolaa 3:15, 17, 4:2, 1 Teso 5:18)
5. Galateefannaa jecha gabaabaa
    a. Roomee 6:17, 7:25
    b. 1 Qoro 15:57
    c. 2 Qoro 2:14, 8:16, 9:15
    d. 1 Tesoo 2:13
    e. 2[ffa] Tesoo 2:13
6. Eebba dhumaa
    a. Roomee 16:20, 24, (?)
    b. 1 Qoro 16:23-24
    c. 2 Qoro 13:14
    d. Galaa 6:18
    e. Efeso 6:24

Phaawulos waaqa sadan tokkoo kan ta'ee in beeka, xin-waaqummaa tiinis ta'ee shaakalaan. Barreefama isaa kan jalqabuu kadhataa fi galataan. Dhi'eessuu isaa gidduudhaan galataan ol ol qabuuf ala ba'a.Guduunfaa ergaa isaa irratti, yeroo baayee Waaqayyoon kadhachuu, ol ol qabuu fi gallateefachuun yaadata. Barreefamni Phaawulos kdhata ol ol qabuu fi galataan hafuura baafata. Waaqayyoon beeka, mataa isaas beeka, wangeelas beeka.

▣ **"Yeroo hundumaa"** Waaqayyoo yeroo hundumaa nu geggeeessa (1)Karaa Kristoos (2)Mo'icha Kristoosiin (3)Kaayyoo dhuga baatiif (jechuun "karaa keenya mul'ata" keeyata gocha hammaa (Gochama) lakk.15-16).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Kristoosiin mo'icha argachuu keenyaan yeroo hundumaa kan nu geggeessu"** |
| **NRSV** | **"Mo'icha Kristosiin yeroo hundumaa gara fuula duraatti deemuudhaaf kan nu geggeessuu"** |
| **TEV** | **"Mo'icha Kristosiin akka biji'amtootaati gara fuulduraati Waaqayyoodhaan geggeefamaa"** |
| **NJB** | **"Kristoos irraa tarkaanfii mo'ichaa yeroo hundumaa carraa kan nuuf kennu"** |

Gaaleen kun shaakala loltuu Roomee argisiisa, kunnis lola mo'ichaa mo'icha kan argataniif angfa loltuu, dirree Roomee irratti kunnis mo'icha Kristoosiif cimsa kan laatuu (keeyatichi qeenxee dha). Innis humna diinaa hundumaa dhabamsiseera (Qolaa 2:15 gochamichi kan uumamuu lakk. lamaan kanaan qofa, Kakuu Haaraati). Amantootni isa kan hordofan akka hidhamtootaati miti (TEV, NEB fi REB kana kan hiikaan garagalchanii akka ("hidhamtoota" haa ta'uu malee kun ifatti mo'icha qabiyyee barreefama isaa irraa faallaa isaa kan deemuu dha. Phaawulos rakkina mataa isaa fi salphina akka abbaa Wangeelaatti dirree Roomee irratti hidhatootaa wajjin bifa wal bira qabamuun kan ta'ee haga hin heereeti) haa ta'uu malee akka loltuuti! Nuyii warra mo'ichaati, sababa isaatii fi karaa isaa! Mo'icha arganeera, haa ta'uu malee guyyumma guyyaati keessa jirachuudhaaf keessa deemuutu nuuf ta'a.

▣ **"Nuun"** kan maqaa dhaala baay'ee lakk. 14-17 kan argisiisan (1)ergamoota (2)Phaawulosii fi garee ergaman yookaan (3)Wangeela kan tamsaasan amantoota hundumaa. Kanan filladhuu lakk.2 kan xiyaafatuu dha, haa ta'uu malee fillannoon lakk.sadii yaada wali galaati. Abbaan wangeelaa abbaa mo'ichaati, haa ta'uu malee gatii inni kafalu jira (4:7-12, 6:3-10, 11:23-30).

▣ **"In mul'ata"** Phaawulos jecha kana itti fufeenyaan fayyadama, 2 Qoro (2:14, 3:3, 4:10, 11, 5:10, 11 [al lama] 7:12, 11:6). Hiikii jechichaa ifatti argisiisuu yookaan akka beekamuu gochuu dha. Fedhi Phaawulos inni

guddaan guutuu guutuuti ifati, fi qulqullullinaan Waaqayyoon mul'isuu dha, qaama Kristoosii fi hojii isaa mul'isuun, (jechuun, wangeela).

▣ **"Iddoo hundumaati beekumsa isaa"** waldaa kiristaanaa Kristoos dhaaluu beekuu isaanitiin of jaju. Phaawulos Waaqayyoo karaa Kristos beekuu isaaf of jaja. Beekumsi ulfina dhuunfaatiif miti, haa ta'uu malee hojii wangeelaatiif. Nuyii, "yeroo hundumaa" (jechuun, pantote) Kristosiin gara mo'ichaatti akka geggeesinuu, akkasumas immoo qulqulleesinee ibsuu tu nurraa eegama (jechuun, mul'isuu) ergaa Kristoos "bakka hundumaati" (jechuun, panti). Kan Yesus wangeellii guutummaa isaanii duuka buutuun mo'ichaa qoqoqdamuutu irra jiraata bakka hundumaati (Maati 28:19-20, Luqaa 24:47, Hoji.erg. 1:8).

Phaawulos gaalee xinnoo kana "bakka hundumaati" irra deddebi'ee fayyadama (1 Qoro 1:2, 1 Teso 1:8, 1 Xiimo 2:8). Inni Milki 1:11 waabii yoo hin taanee, na ajaa'ibsiisa, kunnis Waaqayyoodhaaf Masihii kan ta'ee addunyalleessa raajii waaqefannaa kan dubbatuu?

**2:15 "Waaqayyoodhaaf nuyii Foolii Kristos"** gaaleen kun harkifataa lama (seenaa boodaa) qabu.

1. Kakuu Moofaatti Waaqayyoodhaaf aarsicha irraa ixaanicha irraa aara ka'uu, akka foolii urgaa'uti fudhatama argatee ture (Uuma 8:21, Ba'u 29:18, 25 LXX Leewo 1:9, 19, 17, 2:2 akkasumas immoo dubbii haalaa Phaawulosiin Filli 4:18 irratti fayyadameera).
2. Jaarraa tokkootti lola loltuu Roomaa irratti ixaani in gubata ture, Roomaati .

Tamsaasi wangeelaa Yaahiwween kan fudhatee aarsaa galataati. Amantootni kiristoosiin fudhatama argataniiru, Kristoosiin fakkachuudhaan kaayyoo jiruu fi wangeela hirmaachuudhaan.

▣ **"Warra fayyanii fi warra badan gidduutti"** gara garummaan isaa ta'uu kan fakkaatuu, kan badan isaan, kan badan fedha mataa isaanitiin itti fufuu isaaniti (keeyati gocha ammaa), kan fayyan immoo fedha Waaqayyootiin, karaa Kristoos (keeyata hojii irra oole hammaa). Faayida xin-waaqummaa "kan fayyan" mata duree addaa gochamni Girikii yeroowwaan fayyinaa fi fayyadama irra kan oolan 1 Qoro 3:15 ilaali.

"Kan badan" yaad-rimeen jedhuu ibsa xin-waaqummaa guutuu 1 Qoro 1:18 ilaali innis barreefama kanaan wal bukkee kan ta'e.

**2:16 "wantoota kanaaf kan ga'uu eenyu dha"** lallaba wangeelaatiif namoonnii bara baraan adda adda basaaniiru. 2 Qoro 3:5-6 kan hubannuu Waaqayyoo ijoollee isaa gahaa akka godhuu dha, kanaafi dhuga baatii yeelasiisaa itti gaaffatamummaa. Tokkon tokkon jireenya amanaa Waaqayyoof foolii gaarii dha, kan biraa kan tuquu, tokko gara Kristositti amantii yookaan Kristoosiin fudhachuu dhiisuu. Akkaataan jireenya keenyaa kan fayyadu dha, kan biroon in ilaalu (2:16, 3:2, 3).

Lakk. kana utuun dubbisuu, yeroo ammamiif bakka wangeela qooduuf carraa argadhee akkan turen yaada. Eenyu iyyuu eenyuun akka qabu raawwatee hin beekamuu yookaan maal keessa darbaa akka jiran! Lallabi koo tokko tokko gaarii ta'ee hojii irra ooleera, akkasumas tokko tokko immoo milkaa'aa hin ture! Labsi kan himuu akkam godhee dhiibbaadhaan dhageefatoota fillannoo bara baraatiif akka qaban gochuu in danda'a, nama irraa dubbataan kan dhaga'aan ka'uudhaan? In danda'an! Hojichi kan hafuura qulqulluuti, kan labsi himaa utuu hin ta'in! Wangeela dubbachuuf dirqamatti amanamoota ta'uu qabna haa ta'uu malee itti gaafatamummaan hafuuraa keenyaa daangaa qaba! Inni wangeela Waaqayyooti! Inni adduunyaa isaati! Eenyu iyyuu fayyuu in danda'uu hafuurri qulqulluun hama isa in tuqneeti (Yoha 6:44, 65). Loojikiin namaa yookaan dubbii beekuun dhimma isa guddaa miti.

**2:17 "Akka warra tokko tokko miti"** Phaawulos kan argisiisuu (1)barsiitoota naanna'oo, addunyaa Grikoo-Roomee irraa bakka bakkaatti naannaa'uudhaan kan barsisan (2)falaasmtoota isaanis barsiisota sobduu wajjin kan wal bira qabaman, Filisxeemii kan dhufan (Galaa 1:6-9 akka jedhaniti) akkasumas Phaawulos wangeela isaa fi ergamummaa isaa miidhuudhaaf (4:2).

"Baay'ee" kan jedhuu wajjin garagarummaa wal qabatee qaba (MSS, א, A, B, C, K, P). kan biroon kan durii MSS (p46, D, F, G, L) "kan hafan" qabu (NKJB, NRSV yaadannoo miila jalaa Bruce Metzger, *A Textual Commentary of the Greek New Testament,* (ibsa nbarreefama Kakuu Haaraa Girikii fuula 577, akka jedhuuti fillannoo lama "inni miidhuu" jecha, innis Phaawulos qabiyyee barreefama kanaa kan hin fayyadamne. $UBS_4$ fillannoo tokkoo "B" sadarkaa kenna, (guutuu guutuutti utuu hin ta'in beekama dha).

▣ **“Sagallee Waaqayyoo kan waliin makan”** jechi kun warshaa wayni irraati. Jechi kun fayyadama irraa oolaa kan turee karaa lamaan

1. Waynii qalisuu, horii baay’ee argachuuf (jechuun, xureessuu)
2. Oomisha tokkoo bu’aadhaaf walin makuu (jechuun, waliin dha’uu)

Phaawulos ergaa isaa hin jijiiree (wangeela) dursoonni adda addaa (jechuun, Girikoota, yihudoota), haa ta’uu malee dhi’eenya isaati kan haalaa kan isa godhe (lallabii Phaawulos Hoji.ergamootaas ibsa isaa 1 Qoro 19:23).

▣ **“Qajeelummaadhaan garuu”** jechi kun “kan walin hin makamnee ta’uu isaa” hundee jedhuu iraati (1:12). Kunnis kan ta’uu “kan waliin makuu faalladha. Kun darbe darbee jecha qajeelumaadhaaf jecha wal makuu ta’uu danda’a, “ija aduu” fi “murtii”. Inni kan argisiisuu kan hin dhokkanee yaada qulqulluu yaaa-rimee dha 1 Qoro 5:8, 2 Qoro 1:12, 2:17, Filli 1:10, 2 Pheexi 3:1). “Qajeelummaan garuu” kan jedhuu fi “Waaqayyoo irraa yoo ta’ee garuu” gidduu wal bukkee ta’uu isaa hubadhu.

▣ **“Sagallee Waaqayyoo….Waaqayyoo irraa…Waaqayyoo duratti”** Phaawulos erga Wangeela isaa in jabeessa ergaa Waaqayyoo akka ta’ee akkasumas ergichii Kristoosiin akka ta’e! Phaawulos Waaqayyoon gallateefata (lakk.14) B:

1. Nuyii Kristoosiin waa’ee mo’icha qabnu (lakk. 14)
2. Nuyii bakka hundumaati beekumsa isaa mul’isuu keenyaan (lakk.14)
3. Nuyii waa’ee isaatiif dhuga baatii qabnu jireenya yookaan du’a waan uumuuf (lakk. 15-16)
4. Kan keenya ergaa wali hin maknee Waaqayyoo irraa, Waaqayyoo duratti, waa’ee Kristoosiif, fi KLristoosiin ta’uu isaa (lakk. 17)

▣ **“Waaqayyoo duratti Kristoositti taanee dubbanna”** gaaleen kun mataan isaa 12:19 irratti irra deebi’eera. Innis ta’uu kan qabuu amanamummaa wangeelaa dhugummaa isaa karaa dubbii haalaatiin mirkaneessuu dha.

## Gaaffoollee maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Phaawulos karoora deemsa isaa haga kana maaliif ibsee?
2. Phaawulos waldaa kiristaanaa Qorontosiif ergaa ammamii barreessee?
3. Lakk. 14 irratti mo’icha jiruu (seenaa boodaa) ibsi.
4. Tokko lakk.15-16 irratti kan itti dabalamee mudaan hafuuraa akkamitti dhaabuu danda’u, wangeela qoodachuun kan mootummaa Waaqayyootii fi garagarummaa Ganaab ta’uu isaa beeknee utuu jiruu?

# II Qorontos 3

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Tajaajiltoota Kakuu Haaraa | Ergaa Kiristoos | Tajaajila keenya (2:14-3:6) | Tajaajiltoota Kakuu Haaraa | Xiroosii hanga Meqeedooniyaa bu'aa ergamummaa isaa (2:12-4:6) |
| | 3:1-3 | | 3:1-3 | |
| 3:1-3 | | 3:1-3 | | 3:1-3 |
| | Hafuura: humna utuu hin ta'in | | 3:4-6 | |
| 3:4-6 | 3:4-6 | 3:4-6 | | 3:4-11 |
| | Ulfina Kakuu Haaraa 3:7-18 | Tajaajila Kakuu Haaraa 3:7-11 | 3:7-11 | |
| 3:7-11 | | | | |
| | | 3:12-18 | 3:12-18 | |
| 3:12-18 | | | | 3:12-18 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Qabiyyee barreefamaa

A. Cimsi boqonnaa kana cimsa mafaafa Ibirootaa wajjin baay'ee wal fakkaata. Inni kan Kakuu Haaraa fi moofaa kan wal bira qabamuu dha. Namoonni cubamoonnii Waaqayyoodhaan akkamitiin toloota akka ta'an.
   1. Akkaataa raawwii seeraa Musee.
   2. Amantii, Waaqayyo Kristosiin kan hojjeete hojii haraa'umsaa?

   Wal bira qabuun kun Phaawulosiin hojii irra ooleera, mataa isaatii fi wangeela irraa dhorkuuf, xiyaafannoo Yihudootaa irraa barsiisoota sobduu, isaaniis gara Qorontos kan dhufan.

B. Boqonnaan kun "hafuura" jechi jedhuu baay'ee wal fakkaataa dha. Marii baay'een geggeefameera lakk.6, 8, 17, fi 18. Isaaniis "hafuura qulqulluu wajjin adeema" ta'aa yookaas "kan hafuuraa" yaadrimee wajjin? Lamanuu gidduutti ta'ii jedhamee kan godhamee geggeedaramsi kan jiru fakkaata. Barri haaraan bara hafuuraati (Ermi 31:31-34, Isqe 36:22-38). Innis kan Waaqayyoo wajjin kan jiru firooma kan hafuuraa kan eebbisuu, faallaa isaa kan seeraa, hojii irratti kan hundaa'ee walitti dhufeenya.

C. Kan Phaawulos "seera" jecha jedhuu fayyadama (mata duree addaa 1 Qoro 9:9)
   1. Seera =dheekamsa, Room 3:20, 4:15, Galaa 3:10-13, Qolaa 2:14
   2. Seera = gaarumaa haala hafuuraatiin Roome 7:14
   3. Faallaa Roome 1:5, 2:13, Galaa 3:12 fi Roome 3:2 yookaan 8:7, 2 Qoro 3:6 Galaa 3:21 gidduu

4. Phaawulos Abirahaamii fi Musee fayyadama, fakkeenya akka ramaddii lamati, amantii fi seera giddutti firooma jiru.

Seerichii gaarii dha. Innis Waaqayyoo wajjin. Inni tajaajileera, akkasumas tajaajilu isaan itti fufeera, kaayyoo Waaqayyummaa (Roomee 7:7, 12, 14, 22, 25,). Inni nagaa yookaan fayyina fidudhaaf hin dandeenye. James Stewart A Man in Christ (namni Kristoos keessatti) macaafa jedhuu Paaradoksi Phaawulos (Ayaahoo) yaadaa fi barreefama argisiseera.

> "Seera yaadaati fi dooktiriinnii faalleessuuf mataa isaa kan ijaaree nama salphaati tilmaamuu fi in dandeessa, karaa boquu jabummaadhaan hiika jechaa inni fayyadamuu ilaaluudhaan. Isas madaaluu in dandeessa, yaada isaa isa guddaa adda baasee gaalee inni hiriirsuu irratti xiyaafannoo yeroo gootu. Gaaffachuus in dandeesa, barreessaadhaan al tokkoo jecha fayyadama irra oole, miira adda ta'een miirumma sana haga dhummaatti qabatee itti fufuu isaa. Haa ta'uu malee kana Phaawulos irraa barbaaduun mufannaa uuma. Baay'een tarreefama gaalee jijjiiramaa dha, boqo jabeessa utuu in ta'iin… 'seerichi qulqulluu dha' jedhee barreefameera 'achi keessatti namummaan koo seera Waaqayyootti nan gamaddaa' (Roome 7:12-13) haa ta'uu malee inni ifatti kan biraa bifa Nomos dha, bakka biraa irratti akka dubbatuu kan dandeessise, 'Phaawulos abarsaa seera irraa nu fureera' Galaa 3:13)" (fuula 26).

D. Phaawulos boqonnaa kana keesatti dubbii haalaa gurguddaa sadii fayyadameera
   1. Ergoota, lakk.1-3
      a. Xalayaa yaadachiisii lakk. 1
      b. Isaan ergaa turan lakk.2
      c. Kan Kakuu Moofaa gabatee barreefamaa lakk.3
   2. Kan Kakuu Moofaati fi Kakuu Haaraa lakk. 6-11
      a. Faallaa kan hafuuraatiin lakk.3, 6
      b. In ajeessaa faallaa isaa jireenya laata lakk.6
   3. Marata lakk. 7, 12-16
      a. Musee lakk. 12
      b. Bara Phaawulositti kan turan Yihudoonni lakk. 14
      c. Amantoota lakk. 14-16

## QAYYABBANNAA JECHAA FI GAALEE

### II Qorontos 3:1-3

**[1]Ammas keessa deebinee ofoof dubbachuu jalqabnaa ree? Yookiisakka namoota tokko tokkoo caaffata nuuf dubbatu gara keessanitti fiduu yookiis isin biraa argachuu nu barbaachisa moo ree*? [2]Caaffanni keenya inni nuuf dubbatu, inni namani hundinuu akka beekuuf akka dubbisuuf garaa keenyatti caafame, isunuma*. [3]Isin caaffata Kristos warra nuyi hojjennuuf ta'uun keessan beekamaa dha; caaffatichis qalamidhaan utuu hin ta'in hafuura Waaqayyoo isa jiraataatiin, gabatee dhagaattis utuu hin ta'in garaa namaatti caafame*.**

3:1 Gaafiillee lamaan boca seer-lugaa, lakk. 1 irratti "miti" deebii jedhuu eega. Phaawulosi kan qaanii yookaan lapheen isaa cabuun beekuu in ulfaata.

▣ **"Gallateeffachuu"** jechi kun "teesisuu" fi "tokko irratti" wal makaa dha, innis dubbii haalaatiin fayyadama irra kan oole wali wajjin wal simachuu isaan yookaan kakasuu argisiisuuf.
1. Argisiisuu (Roome 3:5, 5:8, 2 Qoro 7:11, Galaa 2:18)
2. Obsuu (Qolaa 1:17)
3. Gallateeffachuu (Roome 16:1, 2 Qoro 3:1, 4:2, 5:12, 6:4, 10:12, 18, 12:11)

▣ **"Akka warra tokko tokkoo"** Phaawulos jecha kana 2 Qoro irratti baay'isee fayyadama, barsisoota sobduu rakkisoo sana irraa wajjin walitti bu'iinsa jiru, isaaniis Filisxeem irraa kan ta'aan mataa isaanii kan wayyuu godhanii argisiisuuf kan yaalaan, Phaawulos irraa fi seenaa isaa boodaa akkasumas Wangeela isaa wajjin

faalleessuudhaan (lakk.2, 2:17, 10:2). Innis immoo wal fakkaataa kan ta'ee ibsa fayyadama, 1 Qoro irratti bifa alta'aadhaan, miseensa waldaa kiristaanaa tokko tokko amantii isaanittis gocha isaani wajjin walitti firoomsuudhaan (4:18, 15:12).

▣ **"Ergaa gallateeffachuu"** waldaan kiristaanaa isheen durii xalayaa galataa fudhachuudhaaf seera qabdi turte, barsiisoota naanna'aan sirrummaa fi amanamummaa isaanii mirkaneesuuf (Hoji.erg. 18:27, Room 16:1, 1 Qoro 3:15-18, Filli 2:29-30, 3 Yohaa 12).

**3:2 "Ergaan keenya isiini dha, laphee keenya irratti kan caaffamtan"** Phaawulos cimsaa kan inni jiruu mataa isa gallateefachuudhaaf xalayaa akka isa hin barbaachiifne dha, waldatti kiristaanaa kanaaf, sababni isaa innii isheedhaaf misiraachoo kan hafuuraa waan ta'eef, Kristos fayyisaa isheef gooftaa ishee akka ta'ee hundumaa. Isaan kan isaa foonii fi dhiiga isaa ergaa qabuu turan (Lakk. 3).

"Laphee keenyatti kan barreefamtan" gaaleen jedhuu hojii irra kan oole keeyata xumuramee dha. Phaawulos waldatti kiristaanaa kana in jaallata, isaan dhaabbataati laphee fi yaada isaa keesa jiru. Sagalleen hojii irra ooluu yaadi wali galaa isaa Waaqayyoo/Kristoos/Hafuura qulqulluu bakka bu'aa ta'uu isaati (lakk.3), jaalala Phaawulos kan uumu.

Mata duree addaa laphee 1 Qoro 14:25 ilaali.

▣ **"Kan beekamuuf kan dubbifamuu"** isaan jecha Girikii lamaan gidduutti tapha sagalleetu jira (jechuun, *ginōskomenē fi anaginōskomenē,,* cf. 1:13). Lamanuu hojii irra kan oolee keeyata ammaati.

▣ **"NAmooti hundumtu"** kun "hundumtuu" jechi jedhuu fayyadama, innis wali gala kan hin taanee (Room 11:26). Kunn ifatti gura guddistuu dha, seera barreefama Yihudotaatiin kan barratamee kan ta'ee (Maati 5:29-30, 28-42, 6:24, 7:3-5, 23:23-24).

**3:3 "Kan mul'atee"** 2:14 irratti yaadannoo guutuu ilaali.

▣ **"Isin ergaa Kristoositi"** amantoota jechuun Kristos yaada isaanii keessati, jecha isaanitii fi gocha isaanitiin qulqulleessanii kan ibsan jechuu dha. Jireenyi keenyaa guddummaa isaa calaqqisiisa!

▣ **"Nuun kan tajaajilamuu"** mata duree addaa, geggeessuu tajaajilaa 1 Qoro 4:1 ilaali.

▣ **"Hafuura Waaqa jiraataa"** Waaqa sadan tokkoo kan ta'ee jechi argisiisuu baay'ee jijjiiramaa dha. Hafuurrii yeroo hundumaa kan heeruu hafuura Yesus (Room 8:9, 2 Qoro 3:17, Galaa 4:6, 1 Pheexi 1:11). Asitis wal fakkaataa kan ta'ee jijjirama ilaaleera, abbaa kan argisiisuu. "Waaqa jiraataa" waamichi jedhuu Yaahiwweedhaaf, innis gochama Hibirootaa irraa "ta'uu" kan ta'ee (Ba'uu 3:14). Kakuu Haaraatti abbaadhaa fi waamicha maqaan ta'ee kan baratamee dha (Maati 16:16, 26:63, Hoji. Erg. 14:15, Roome 9:26, 2 Qoro 6:16, 1 Teso 1:9, 1 Ximoo 3:15, 4:10, Ibiro 3:12, 9:14, 10:31, 12:22, Mul'ata 7:2). Kakuu Moofaatti waaqa tolfamaa ormootaa jireenya kan hin qabne turan. Isaan deebii kan kennan miti, yookaan kan waggichaa kutaa du'aa ture, (jechuun, ganna) uumama baay'isuu wal makuu hordofee. Yaahiwwee qofa jiraataa dhugaan yeroo hundumaa Waaqi jiraataan!

▣ **"Gabatee dhagaa irratti utuu hint a'iin haa ta'uu malee laphee namootaa irratti**" kun kan fakkaatuu kennama seeraati, Ba'uu 31:18 fi abdii Kakuu Haaraa (Ermi 31:31-34 fi Isqee 36:22-38). Kun ifaa kan ta'ee faallaa dha, Kakuu Moofaatti innis akka seera alaanii faallaa isaa Kakuu Haaraatti akka seera keessaanii (jechuun, laphee haaraa, yaada haaraa, hafuuraa haaraa, Isqee 11:19, 36:26).

## II Qorontos 3:4-6

**4Amanannaan nuyi karaa Kristos Waaqayyo biraa qabnu kan akkasii ti. 5Nuyi ofii keenya wanti tokko illee nu biraa in ba'a jennee himachuu waan dandeenyu hin qabnu; hammi danda'aa keenyaa Waaqayyo biraa in ba'a*. 6Isumau seera caafamee kennameen utuu hin ta'in, hafuura qulqulluudhaan Kakuu Haaraadhaaf hojjechuu nu dandeessise; seerri caafamee kenname du'a in farada, hafuurichi garuu jireenya in kenna**

**3:4 "Amantii"** kunnis jecha Phaawulos biraadha, baay'inaan II Qorontos fayyadama irra kan oole. Innis wal fakkaataa kan ta'ee hundee Girikii irraa kan dhufee yeroo ta'uu, akka amantiitii, amanachuu, amanuu dha (jechuun, *peithō fi pistis, pisteuō).* Innis ka'umsa isaa irraa hiikii isaa, amanachuu, itti amanachuu, yookaan amanuu.

1. Qabiyyeen barreefama sirrii isaa
   a. Karoora deemsa Phaawulos 2 Qoro 1:15

b. Kan Phaawulos amantii inni Kristoos irrattii qabuu 2 Qoro 3:4
c. Kan Phaawulos Tiitoo amanachuu isaa 2 Qoro 8:22
d. Kan Phaawulos Krisositti amanachuu isaa Efe 3:12
2. Qabiyyee barreefama alta'aa isaa
   a. Phaawulos isaani wajjin callisuu barbaade 2 Qoro 10:2
   b. Kan Phaawuloos waayuu jechuun isaa wal bukkee qabuun dhugummaa isaa barsiisoota sobduu dha wajjin Filli 3:4

**3:5 "Mataa keenyaan ga'aa kan taanuu miti"** jechii Girikii *hikanos* Kakuu Haaraatti kan baratamee dha, akkasuma karaa lamaan fayyadama irra oola.

1. Kan akka wanta tokkoo lakk.baay'ee (1:30) yeroos dabalatee
2. Ga'aa ta'uu kan qabuu (2:6). Gahaa, kan fillatamee, danda'aa, yookaan gahaa

Galumsa lama dha, asi irratti fayyadama irra kan oole. Phaawulo kan isaaf hin taanee akka ta'ee miirii isaa fayyadamuudhaan ibsa 1 Qoro 15:9. Akkasumas inni in cimsa, jechuun tajaajiloonni wangeelaa mataa isaanitiin kan isaani galuu miti 2 Qoro 2:16 fi 3:5).

Ammam illee mataa keenyaanii kan gahaa hin taanee yoo taanees, Waaqayyoo n u waameera, humans nuttii guuteera, akkuma bakka bu'aa isaa (2 Qoro 3:6, 2Xiimoo 2:2). Isaan ga'oo taaneera (Qolaa 1:12).

▣ **"Hubachuu"** jechi kunni *logizomai*, dha, innis yeroo sodomii afur Phaawulosiin fayyadama irra ooleera, haa ta'uu malee kan hafan kutaan Kakuu Haaraa torbaa gadii kan ta'ee (3:5, 5:19, 10:2, 7, 11:5, 12:6). Innis kan Phaawulos dhi'eenya dhugaa loogikii calaqqisiisa, fi isa irras waa'ee dhimma isaa ifatti akka yaadnu jajjabeesuudhan.

Jechichi jecha xin-waaqummaa isaa guddaati, sababi isaa

1. Innis saptuwajentii ogummaa namaatiif waan gargaaraamuuf (the New nternational dictionary of NT theology (xin-waaqummaa Kakuu Haaraa galmee jechoota addunyalessaa isa haaraa gucaa sadii fuula 823)
2. Kan isaa Seera uumamaa 15:6 irra kan jiru fayyadamni, kanas Phaawulos tola Kakuu Moofaa karaa amanti kan ta'uu kennaa tola Waaqayyoo ta'uu isaa cimsuudhaaf itti fayyadameera (Room 4:3)
1. Inni jecha ogummaa ta'uu danda'a, soofestootaan fayyadama irra kan oole, dhi'eenya seenaatii fi (Bruce W. Winter, *Philo and Paul Among the Sophists*)

Amantootni ammayyaas dirqamatti of eegannoodhaan tilmaama keessa galchuutu irra jiraata, waa'ee amantii maal akka amanaaniif maaliif. Sammuudhaaf dandeetii haasaa ilma namaa keessa kan ta'an fakkii kutaa Waaqayyooti. Waaqayyoon yaada keenyaan waaqssuutu nurra jiraata (LXX Keessa deebii 6:5, Maati 22:37). Nuyii xiyyaafannoo itti kennuutu nurra jiraata, keessa keenya abdii jiruuf (1ffa Pheexi 3:15). Nuyii dirqamaatti yaaduu qabna, amantiidhaan karaa isa amanee, jabina mataa keenyaatii fi lallaba wangeelaatiif. Vidi'oo ilaalaa "maaliifaan Kakuu Haaraati amana" www.freebiblecommentary.org, "Biblical interpretation sermeons" kan jedhuu gadi qabuudhaan, itti fufees video seminar, dallas, TX, 2009" kanatis fufee kan argisiisuu kara gara mirgaatiin barumsa sadii irratti.

**3:6 "Tajaajilonnii Kakuu Haaraa"** mata duree addaa geggeesummaa tajaajiloota 1 Qoro 4:1.

▣ **"Qubeen utuu hin ta'iin garuu hafuuraan"** kan itti fufeenya qabu kan ta'ee dorgommii qaba
1. Kan barreefamee faallaa isaa kan hafuuraa lakk. 3 fi 6
2. Xalayaan faallaa isaa hafuuraa lakk. 6
3. Taajajillii moofaan faallaan isaa tajaajila hafuuraa lakk. 7
4. Mudaa wajjiniin kan wal qabatee tajaajilli faallaan isaa ejjennoo tolaa wajjin kan wal qabatee tajaajila lakk. 9
5. Kan darbee faallaan isaa dhaabbaataan lakk. 11
6. Haguugiin osoo hin ka'iin kan jedhuu faallaa isaa haguugiin kan ka'ee lakk. 14

Phaawulos isa moofaadhaa fi Kakuu Haaraa wal faalleesisaa, haa ta'uu malee amantiin laphee (Roome 2:29, 7:6) faallaa isaa amantii ofii (jechuun, seera qabeessummaa, hojii namaa, tola ofii).

▣ **"Qubeen in ajeessa"** kun wajjin adeemuu kan barbaaduu kan seera Musee kayyoo dursaati. Inni kennamee kan turee jireenya akka kennuuf hin ture, haa ta'uu malee cubbamoota ta'uu keenya argisiisuuf mul'isuuf ture

(Roomne 7:11, Galaa 3:10). Seerichi ceephoo fida (Roome 5:13), dheekamsa (Roomee 4:15) du'a (Roomee 7:19, 2 Qoro 3:6). George E.Ladd's A. Theology of the New Testament. (xin-waaqummaa Kakuu Haaraa fuula 495-510 ilaali). Akkasumas immoo bakka seeraa roome 3:20, 5:20, 10:4, Galaa 3:24-25 irratti ifatti mul'ata. Amanaa Kakuu Haaraatii fi seera Kakuu Moofaa giduu walitti dhufeenyi jiruu baay'ee bitaacha kan namatt galchu dhimma. Anatti kan fakkaatuu, keeyaata Kakuu Haaraa hundumaa irratti hundaa'uudhaan, kiristaanni seera Kakuu Moofaa jallatti akka hin taane dha (Roome 6:14, Galaa 5:18). Kun kan ta'ee seerri Kakuu Moofaa sababa darbuu isaatiin miti, haa ta'uu malee kiristaannii Kakuu Haaraa seerri Kakuu Moofaa raawwachuu isaatin, jaalala Waaqayyootiin, walitti dhufeenya nurra jiru, innis amantootni jaalala kan biraatiif qabaatan waan argameef (Roome 13:8-10, Galaa 5:14). Kaayyoon seeraa ilma namaa kufee gara Kristoositii fiduu dha, isaan oolchuu akka danda'aamuuf. Ta'es seerri Kakuu Haaraa galumsa fayyisuu sababa ta'uu dhiisuu isaatiin, fedha Waaqayyoo, innis haawasicha birratti namootaaf hin taanee jechuun miti (Maati 5:17, Roomee 8:4). Mata duree addaa ilaalcha Phaawulos seera Musee irratti 1 Qoro 9:9.

▣ **"Hafuurri jireenya kenna"** qabiyyeen barreefama kanaa tooftaa hiikaa kan laatuu miti! Keeyaati kuni tooftaa seer-luga seenaa wajjin in adeemuu, innis hiika macaafa qulqulluutiin faallaa isaa tooftaa fakkeenyaati. Inni dursa kan adeemuu kaayyoo Kakuu Moofaa fi kaayyoo Kakuu Haaraa gidduu garagarummaa jiruun.

Caalaatti gara xuqaa isaa yeroo ilaalamuu, qabeenyaa Waaqayyoo irratti amantaa laphee kaa'achuu fi (Yohaa 6:63) faallaa isaa qabeenyaa namaa amanachuu ga'ee inni qabaatuu dha (jechuun, beekumsa, hojii,ejjeennoo sanyummaa). Furtuun isaa jaalala Waaqayyooti, hojiin Kristoos, fi dandeesisuu hafuura qulqulluu. Lamanuu ajeessuu qubee fi jireenya kennuu hafuuraa lamanuu gocha ammaa kan argisiisuu akka ta'an hubadhuu

## II Qorontos 3:7-11

**7 Seerichi gabatoota dhagaatti fi dalaan qirixamee, yeroo kennameetti ulfinaan mul'ate; booddee irraa darbaa yoo adeeme iyyuu calaqqifni fuula Musee yeroo sana jabaa waan tureef, iji saba Isiraa'el itti ejjechuu hin dandeenye. Egaa seerichi inni du'a faraduudhaan hojjetu ulfina akkasiitiin erga dhufee*, 8 inni hafuurri hojjetu immoo hammam caalaa ulfina haa qabaatu ree*? 9Wanti firdii du'aaf hojjetu ulfina- qabeessa erga ta'ee, wanti qajeelaa nama gochuuf hojetu immoo hammam caalaa lfina qabeessa haa ta'uu ree *? 10 ammas wanti caalaatti ulfina qabuu waan argameef, inni akka ulfina-qabeessa ture ulfina kan hin qabne ta'eera. 11 Egaa inni yeroodumaaf jiraate ulfina erga qabaatee, inni itti fufee jiraatu immoo hammam caalaa ulfina haa qabaatu ree*.**

**3:7 "Akka"** kun ramaddii tokkoo hima haalaati, innis yaada barreeschaa yookaan haalaa faayidaa barreefamichaatiin sirri dha jedhamee kan tilmaamamu.

▣ **"Tajaajila du'aa, qubeedhaan dhagaa irratti kan bocamee"** kaayyoon seeraa cubbuu keenya argisiisuu dha (Galaa 3:24). Kutaan kun lakk.7-18, kan barsiisootaa ga'umsa, Ba'uu 34:23-35. Dacha sadiin "marata" fayyadama dubbii haalaa qaba (1)Musee (2)Yihudoota kan barichaa (3)Amantoota.

Kakuu Moofaan quba Waaqayyootiin gabatee dhagaa irratti kan barreefamee dha, gaara Siinaa irratti (Ba'uu 19-20). Kakuu Haaraan immoo Waaqayyoodhaan kan barreefamee, laphee amanamtootaa duuka butoota isaa irratti (Ermi 31:31-34, Isqe 36:22-38). Kan jalqabaa amallii isaa barreefama alaa aboomamuudhaan isa lgaruu walitti dhufeenya keessaa aboomamuudhaan.

▣ **"Ulfinaan in dhufa"** mata duree addaa ulfina 1 Qoro 2:7 ilaali.

▣ **"fuula Musee yeroo sana jabaa waan tureef, iji saba Isiraa'el itti ejjechuu hin dandeenye"** kun kan adeemuu Ba'uu 34:30-35 wajjini dha. Keeyata kana kan ilaalatee ibsi baay'een godhamera. Tokko tokko kan yaadaan museen fuula isaa kan aguuggatee Israa'eeloonni ulfinaa sirritti in ifnee akka hin ilaaleef ture (lakk. 7, 13). Kan biraan, ta'ees, kan yaaddamee Museen fuula isaa kan aguggatee Israa'eloonni ulfina Waaqayyoo dura dhaabbachuu waan hin dandeenyeef ture, sababa cubbuu isaanitiif.

**3:8** lakk.kun tajaajila Musee faalleessa, innis ulfina Waaqayyoo kan callaqisiisuu, tajaajila hafuuraatiin, kunnis ulfina abbaa kan irmaachisuu.

**3:9 "Akka"** kunnis kan biraa ramaddii tokkoo hima haalaati, innis yaada barreesichaa yookaan haalaa kaayyoo barreefamichaatiin sirridha jedhamee kan tilmaamamu.

▣ **"Tajaaajila ceephoo"** hammam cimaa dha, karaa alta'aa naasisaadha, Kakuu Moofaa ibsuudhaaf.

▣ **"Tajaajila tola"** Kakuu Moofaan baay'eedhaaf ijoollee Abirahaamiif ceephoo fda ture. Kakuu Haaraan ijoollee Addaam hundumaatiif tola fida, isaan karaa Kristoos hojii Waaqayyoo xumurameee fi hafuura qulqulluun kadhachuu haga amanan qofatti mata duree addaa: 2 tola 1 Qoro 1:30 ilaali.

▣ **"Kan baay'aate"** kun gocha ammaa kan argisiisuu dha *perisseuuō*, innis adeemsa irra kan jiruu uumamamaaf cimsa kan laatuu dha. 1:5 irratti kan jiruu yaadannoo guutuu fi mata duree addaa 2 Qoro 2:7 irratti ilaali.

**3:10**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Inni ulfaataan sun baay'ee ulfina caaluun sababa wanta kanaani ulfina isaa dhabeera hoo"** |
| **NKJV** | **"Dhugumatti ulfaataa kan ta'ee karaa kanaatiin ulfina isaa dhabeeraa, ulfina caaluuf jecha"** |
| **NRSV** | **"Dhugumatti al tokko ulfina kan turee ulfina isaa dhabeeraa, sababa ulfina caaluutiif"** |
| **TEV** | **"Jechuu kan dandeenyuu, sababa ifa ulfina caaluutiin, amma, baay'ee ifaa kan turee darbeera"** |
| **NJB** | **"Dhugumatti al tokko akka ulfaateeti kan lakkaa'amee, ulfina isa ture hundumaa dhabeera, ulfina caaluuf jecha"** |

Amalli Kakuu Moofaa "ulfina kan turee" dha (kan xumurame hojii irra kan oolee kan argisiisuu). Inni dhugumatti Waaqayyoo biraa turee Waaqayyoonis kan calaqqisiisuu. Ta'us, ibsa guutuu kan qabuu Yesusiin, ulfinnii Kakuu Haaraa (hojii irra kan oolee kan xumuramee keeyaata). Kunni kakuu Yaahiwwee wal bira qabuu macaafa Ibirootaatiinnis ijaarameera. Mata duree addaa: 1 Qoro 2:7.

Keeyati murtaa'ee "gara" (itti waamama, saala kan hin argisiifnee) fayyadama irra kan oole bakka seer'lugaa akka qabateeti. "Kakuu Moofaa" (hiikooti ingilli baay'een "maal" kan jedhuu qabu). Inni amala qabiyyee barreefama kanaatiin kan godhee akka

1. "gabatee dhagaa irratti kan barreefamuu" lakk.3,7
2. "ergaa" lakk. 6
3. "Tajaajila du'aa" lakk. 7
4. "Tajaajila ceephoo" lakk. 9

▣ **"Kan caaluu"** kuin jecha cimee dha "ol" yookaan "kan caaluu" fi "darbachuu". Phaawulos kan itti fayyadamee asiti fi 9:14 irratti (jechuun "kan caaluu ayyana Waaqayyoo"). Inni immoo lamanuu gargaarama *perisseuō fi huperballō* 11:23, achitis seenaa isaa boodaa fi tajaajila barsiisoota sobaa irraa ragaa wajjin kan wal bira qaban. Phaawulos kan dubbatuu miira cimaadhaa fi jecha gurra guddistuutiin! mata duree addaa, kan Phaawulos huper wal makaa fayyadama 1 Qoro 2:1 irratti ilaali.

**3:11 "Akka"** kunnis kan biraa ramaddii tokkoo hima haalaati.

▣ **"Kan gaariitti hin ifin sun"** jechi kun *katargeō,* innis Phaawulos yeroo baay'ee fayyadama irra kan oole dha, ergaa isaa Qorontos keessatti (1 Qoro 1:28, 2:6, 6:13, 13:8, 10:11, 15:24, 26, 2 Qoro 3:7, 11, 13:14). Mata duree addaatiis 1 Qoro 1:28 ilaali.

▣ **"Ulfina isaatti jabaatee kan dhaabbatuu"** faallaa isaa kan ta'uu Waaqayyoo irraa kan ta'ee yookaan ulfna Waaqayyoo kan qabu gidduutti miti, haa ta'uu malee ulfina caaluu fi ulfina hin badnee gidduutti kan qabuun. Deebiin isaa kan Kakuu Haaraa Kristoosiin, barrii hafuurrichaa haaraa, fi amma kan xumuramee dursa ga'uumsaa kan qabuu, oolchuu bara baraati (Hoji. Erg. 2:22-24, 3:18-21, 4:28, 13:29-41).

## II Qorontos 3:12-18

**[12]Abdii akkasii erga qabaannee nuyi guddaa ija in jaabaanna. *.[13]Nuyi akka Musee hin goonu; inni, sabni Israa'el calaqqisa fuula isaa isa irraa darbu sana akka hin arginetti fuula isaa golgate*. [14]Yaadni isaanii garuu hadoodchifameera, hamma guyyaa har'aatti iyyuu Kakuu Moofaa keessatti isa caafame yeroo dubbisan, golgaan sun isaan irratti in hafa, irraas hin fuudhamu; golgaan sun karaa Kristos duwwaa isaan irraa fuudhamuu in danda'a*. [15]Hamma har'aati iyyuu yeroodhuma isaan seera Musee dubbisanitti gogichi yaada garaa isaanii in golga. [16]Caaffanni qulqulla'aan, "Yeroo inni gara gooftaatti garagaluutti, golgichi isa duraa in fuudhama"in jedha *. [17] Egaa innii "Goofticha" jedhamee kun, hafuura qulqulluu dha;iddoo hafuurri gooftichaa jiruu immoo birmadummaatu jira*. [18]Ammas nuyii fuula gooftichaa nu irraa akka calaqqisu in goona; nuyis ulfinaa gara ulfinaatti darbuudhaan fakkaatti isaa akka taanuuf, akka gooftichaa isa hafuura sana biraa nuuf dhufeetti in diddiramna*.**

**3:12 "Kanaafis abdii kana fakkaatuu erga qabaannee"** kun kan adeemuu kan fakkaatuu ulfina raawwiiti (lakk. 11). Mata duree addaa abdii 1 Qoro 13:13 ilaali.

▣ **"Baay'ee mulfinee dubbanna"** gadii kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa:Iftoomina (*PARRHĒSIA*)

Jechi Girikii kun "hundumtuu" (*pan*) fi "haasaa" (*rhē sis*) wal makaa dha. Bilisummaan haasaa kanaa yookaan iftoominni yeroo hundumaa mormitootaan yookaan warra hin fudhanne giddutti kan qabaanuu iftoomina hiikaa qabata (Yohaa 7:13, 1 Tesoo 2:2).

Barreefama Yohannis irratti yeroo 13 fayyadama irra ooleera (yeroo hundumaa kan inni argisiisuu labsii bakkee irraatti (Yoha 7:4 akkasumas barreefama Phaawulosiin Qolaa 2:15), ta'uus, ala tokko tokko innii akkasumatti kan jedhuu "iftoomina" dha. (Yohaa 10:24, 11:14, 16:25, 29).

Hojii ergamootaa ergamoonnii waa'ee Yesus ergaa inni qabuu kan dubbatan bifa wal fakkaatuun ture (iftoominaan) akkuma Yesus dubbachaa ture, waa'ee abbaatii fi waa'ee karooraa fi abdii (Hoji. Erga 2:29, 4:13, 29, 31, 9:27-28, 13:46, 14:3, 18:26, 19:8, 26:26, 28:31). Phaawulosiis kadhanaan akka isaa godhamuu in gaafata ture (wangeela iftoominaan akka lallabuu (Efe 6:19, 1 Teso 2:2) fi wangeelaatti akka jiraatuu (Fillii 1:20).

Phaawulos Kristoosittii kan jiruu abdii raawwataa iftoominaaf amantii kenneera, wangeela akka labsuuf, bara hamaa ammaa kanaa (2 Qoro 3:11-12). Innis immoo amantii qabaataa, duuka buutuun Yesus akka ta'uutti akka hojjeetaniif (2 Qoro 7:4).

Fuulli jecha dabaltaa kana qaba. Ibiroonnii isa kan fayyaduu bifa adda ta'eeni dha Kristoosiin gara Waaqayyootti dhi'aachuu fi isatti dubbachuu (Ibiroota 3:6, 4:16, 10:19, 35). Amantootni guutuu guutiuutti fudhatama argataniiru abbaa dhaa wajjin fira dhi'oo akka ta'aan karaa ilmaatiin.

Inni Kakuu Haaraa irratti karaa baay'eedhaan fayyadama irra ooleera

1. Amanachuu, iftoomina, yookiin wabii, innis kan wajjin adeemuu
   a. Namoonnii (Hoji.erga 2:29, 4:13, 31, 2 Qoro 3:12, Efe 6:19)
   b. Waaqayyoo (1 Yoha 2:28, 3:21, 4:12, 5:14, Ibiro 3:6, 4:16, 10:19)
2. Iftoominaan dubbachuuf, mulinatti, yookaan karaa nama hin wallalchifneen (Maari 8:32, Yohaa 7:4, 13, 10:24, 11:14, 16:25, Hoji.erg 28:31).
3. Saba duratti dubbachuuf (Yohaa 7:26, 11:54, 18:20)
4. Bifa wal qabataa ta'een (*parrhēsiazomai*) fayyadama irra kan oolee ifatti lallabuudhaan, haala rakkisaa keessatti (Hoji. Erga 18:26, 19:8, Efe 6:20, 1 Tesso 2:2)

Qabiyyee barreefama kanaatiin innii kan argisiisuu amantii yeroo xumuraati. Amantootni deebi'ee dhufuu Kristoos in sodaataan, amananaa guddaadhaa fi gammachuudhaan kan simatan sababii isaa Kristoositti waan jiraataniif jireenya Kristoosiin fakkaatee waan qabaataniif.

3:13 lakk.kun kan argisiisuu lakk. 7 dha innis seera Ba'uu 34:29-35 waabi dha. Kakuu Moofaatti Museen haguuggii kan ufatee sababii isaa, fuulli isaa boba'uu Israa'eloota irratti waan tokko illee akka hin fidne sodaachuudhaan (Ba'uu 34:30). Phaawulos sababa isaa yeroo hiikuu Kakuu Moofaatti kan jiruu salphisee ibsuu barbaaduu isaati. Fuulli Musee akka waan gaaritti in ifnee akkasumas kakuun Musee!

Kan Phaawulos wal bira qabuu baay'ee godheera, kakuu Museetii fi kakuu Yesus gidduu.

1. Seera ba'uuti gooftaan = hafuura Yesus
2. Musee qofa firoomaan itti siquu kan danda'uu faallaa isaa amantoota guutummaa Kristoosiin gara Waaqayyootti dhi'aachuu kan danda'u.
3. Ulfinnii Musee akka gaariitti in ifuu faallaa isaa ulfinnii Yesus raawwaate akka ifeetti jiraata.
4. Duuka buutoonni Musee Kristoosiin Kakuu Moofaatti arguu hin danda'aan faallaa isaa duukabootoonni Yesus kara hafuura qulqulluutiin Kakuu Moofaa sirritti hiikuu danda'uu, ifa Kristosiin. Museen garbummaa hojiiti kan inni fidee faallaa isaa Kristoos birmadummaa ayyaannaa fide.
5. Ergaan seera Musee du'a fidee faallaa isaa hafuurri Kakuu Haaraa jireenya fidee, jireenya bara baraa, jireenya irraa hafee.
6. Kakuun Musee saba tolaa argamsiisuu hin dandeenye faallaa isaa kakuun Yesus saba tolaa uumuu danda'eera (lamanuu, qabatamaati) tolaa fi qabatamaatti qulqullaa'uu).

**3:14 "Haa ta'uu malee yaadi isaanii in jabaate"** kun gocha irra oolee kan argisiisuu dha. Jechi Grikii kun kan dhufee "abbaa gogaa furdaa" yookaan "abbaa gogaa jabaa" yaada jedhuu irraati (Maari 6:52, 8:14, Roomee 11:7, 25). Jaamummaan hafuuraa lamanuu ka'umsa hafuuraa qabu (jechuun [1] Waaqayyoo sagallee hojii irra ooluun yeroo fayyadamuu Isaa 6:9-10, 29:10, Yoha 12:40, Roome 9:18 fi [2]seexaana 2 Qoro 4:4 fi ) ka'umsa namootaa (Yoha 3:19-20). Ibsa gaarii dhoksaa xin-waaqummaa laphee jabummaa Israa'eelii fi Roomee 9:11 fi Hard saying of Bible (jecha macaafa qulqulluu cimaa) inter varsity maxansitoota: fuulaa 619-621 dubbisi.

"Soba"gochamni jedhuu lakk. 15 irratti ta'uu kan danda'uu, tokkoo hojii irra kan oolee kan ammaa (jechuun, lakk. 1) yookaan kan ammaa gidduu galleessa (jechuun lakk. 2).

Mata duree addaa: hameenya (yaada) 2:11 irratti ilaali.

▣ **"Golgaan sun utuu hin saaqamiin jiraata"** Museen golgaa akkuma jiruutti dha kan fayyadamee, jechii kun amma ibsaa kan jiruu Yihudummaa barichaa jaamummaa keessatti. Yihudoonnii Isaa 6:9-10 irratti fi 29:10 murtii jala xuran/ammas jiru. Kunnis immoo kan wajjin deemuu Yihudoota bara keenya jiraaniidha, isaanis Yesusiin akka Maasihiitti fudhachuu kan didan (lakk. 15).

▣ **"Sababii isaa inni Kristoosiin dhabamsiifameera"** ayyaanna Waaqayyoo qofa kan barsiifataa, tola ofii, fi jaamummaa cubbuu dhabamsiisuu kan danda'u. Namooti amantaa jaamummaa hafuuraati kan jallatanii dha akka namoota amantaa hin qabne. Ilmii namaa kufee abdiin isaa tokkichi

1. Kan hin jijjiiramnee haraara abbaa
2. Guutuu fi kan xumuramee cubbuu dhiisuu ilmaa
3. Guutummaa kan ta'ee kadhachuu hafuura qulqulluu/hojii

Fayyinnii kennaa hafuuraati, kan maatii, kan aadaa, kan beekumsaa, hojii, yookaan dhimma carraa fillannoo miti!

Phaawulosi qabiyyee barreefama kanaatiin cimsaa kan jiruu dandeetii amantootaati, karaa hafuuraatiin jireenya, barnootaa, fi hojii Yesus Kakuu Moofaati ilaaluuf. Yesus mataan isaa sammuu lamaanii baneera, karaa Heemahoositti kan tura (Luqaas 24:13-35 keessumatti lakk. 25:27).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, TEV** | **"Dhabamsiifameera"** |
| **NKJV** | **"Fudatameera"** |
| **NRSV** | **"Achi qabameera"** |
| **NJB** | **"Godhameera"** |

Mata duree addaa: *Katargeō* 1 Qoro 1:28 irratti ilaali.

**3:15 "Laphee"** mata duree addaa: laphee 1 Qoro 14:25 irratti ilaali.

**3:16 "Haa ta'uu malee eenyu iyyuu gara gooftaatti yeroo naanna'uu golgichii in fudhatama"** kun Ba'uu 34:34 kan heerameer dha. Akkana yoo ta'ee inni kan wajjin deemuu gocha Musee wajjini dha, gara Waaqayyootti yeroo dhi'aatu, innis immoo ta'uu kan danda'uu iyannoo wali gala fi hafeeraa dha, tokkon tokkoonii fi hundumaaf, gara gooftaatti akka naanna'an. "Naanna'uu" jechi jedhuu (*shub*) kan inni argisiisuu qalbi jijjiirana dha. "Gooftaa" jechi jedhuu asittii kan inni argisiisuu haala qabiyyee barreefamaatiin tokkos, Yaahiwweedhaa fi yookaan Yesusiifi dha. Qabatamaa ta'uu dhiisuun isaa ta'ii jedhamee ta'a. Cimsa wal make fillannoo fedhii namootaaf gocha Waaqayyummaa hubadhu (jechuun kakuu).

**3:17 "Gooftaan hafuura"** Yesusi fi hafuurri qulqulluun tajaajillii isaani haala adda adda hin baaneen wal qabateera (lakk. 17-18). Tajaajillii hafuura qulqulluu Yesusiin argisiisuu dha (Yohaa 16:8-14).

Qabiyyeen barreefamichaa jechuu kan danda'uu Phaawulos Yesusiif hafuura qulqulluu gidduu walitti dhufeenya jiruu yaada kennaa jira miti haa ta'uu malee "Gooftaa" (*kurios*) jechi jedhuu mul'isa lakk. 16 irratti, inni seera ba'uu 34:34 qabiyyee barreefama, Yaahiwwee dha kan inni argisiisu (mata duree adda 1:1 irratti ilaali). Haa ta'uu malee Phaawulos isa kan fayyadameef REB bifa hiikaatiin "ammas keeyati kun dubbachaa kan jiruu gooftaa, hafuura qulqulluu dha". Kun sirrii yoo ta'ee egaa kutaan walii gala isaa "gooftaa" jecha jedhuun Yesusiin argisiisaa hin jiru, haa ta'uu malee hafuura qulqulluu dha (Uuma 1:2 akkasumas Gordon D. Fee, *To What End Exegesis*, fuula 218-236 yaadannoo ilaali). Kun egaa bakki qophaan isaa ta'a Phaawulos *Kurios* hafuuraa fi kan

fayyadamee. Innis faallaa isaati Kakuu Moofaati barreefama seeraa fi isa irraas kan hin barreefamiin wangeela gidduutti (jechuun, kan barreefamee faallaa isaa jiraataa).

## MATA DUREE ADDAA: YESUUSII FI HAFUURA QULQULLUU

Hojiin ilmaa fi hojiin Hafuura Qulqulluu baay'ee wal fakkaataadha. G.Cambell Morgan akka jedhutti Hafuurichaaf maqaa filatamaan "Yesuus kan biraa"dha (garuu, eenyummaa bara baraa garaa gara ta'e qabu). Kan armaan gadii toorii hojii fi aangoo ilmaa fi Hafuura Qulqului uuti.

1. Hafuurri Qulqulluun "Hafuura Yesuus" ykn ibsa walfakkaataadhaan waamameera (cf. Rom. 8:9; IIQor. 3:17; Gal. 4:6; 1Phex. 1:11)
2. Jecha wal fakkaataa lamaanuu ittiin waamaman
    a. "dhugaa"
        1. Yesuus (Yoh. 14:6)
        2. Hafuura Quqlulluu 1Yoh. 14:17; 16:13)
    b. "kan nuuf dubbatu"

        1. Yesuus (1Yoh. 2:1)
        2. Hafuura Qulqulluu 1Yoh. 14:16, 26; 15:26; 16:7
    c. "Qulqulluu"
        1. Yesuus (Luq. 1:36; 14:26)
        2. Hafuura Qulqulluu (Luq. 1:35; 4:34)
3. Lamaanuu amantoota keessa jiru
    a. Yesuus (Mat. 28:20; Yoh. 14:20, 23; 15:4-5; Rom. 8:10; IIQor. 13:5; Gal. 2:20; Efe. 3:17; Qol. 1:27
    b. Hafuura Qulqulluu (Yoh. 14:16-17; Rom. 8:9,11; 1Qor. 3:16; 6:19; IIXim. 1:14
    **c.** Abbaa (Yoh. 14:23; IIQor. 6:16)

▣ **"Birmadummaa jira"** kun kan argisiisuu jaamummaa hafuuraa irraa tola ofii fi seera irraa bilisa ba'uu dha, walitti amantii dhuunfaatiin Kristoos Yesus wajjin (Yoha 8:32, 36, Roome 14, 1 Qoro 8, 10:23, Galaa 5:1, 13).

Fillatamaan inni tokkoon ataachee, F. F. Bruce, Paul, apostel of the heart set free (Phaawulos: lapheen isaa bilisa kan ba'ee ergamaa kan jedhuu macaafi isaa, akka jedhuuti.

> "Phaawulos dhugumatti jaalala Kristoos beeka jireenya keessatti humna hundumaa cimsuu danda'uu ta'uu isaa. Jaalallii hundumaa gochisiisuu kan dandeesu humna, yaalii baay'ee kan gaaffatuu miiraa yookaan walitti bu'iinsa bitamuu hin qabu, waan sirrii gochuudhaaf, dubartiis ta'ee dhiira humna jaalala Yesusiin oofamaniif humna hafuura isaa kan keessa bulee fedha Waaqayyoo laphee isaani irra raawwatu (Phaawulos shaakala isaa irraa akka jedhuuti 'hafuurri gooftaa iddoo jedhuu, achii birmadummaan laphee jira'" (fuula 21).

**3:18 "Fuula in golgamneen"** kun gocha hojii irra oolee xumurama keeyaata ibsa dhaabbaataa kan argisiisuu. Akkasumas immooo kan dabalataa hubadhuu "nuu hundumti keenyaa" amantoota akka argisiisuuti, bitaacha kan itti galef kan qoqodamaan walddaa kiristaanaa Qorontos.

▣ **"Fuula gooftaa akkadaawwiititi calaqqisiisaa"** wangeelli lamanuu Yaahiwweedhaa fi Yesus nama Naazireeti guutuu guutuutti mul'iseera (4:6). Qalbi jijjiirannaadhaa fi deebii amantiitti akka nuuf kenneetti ibsi isaa gara fakkaatii isaatiti nu jijjiira. Dubbiin haalaa wal fakkaataan kun 4:4 irratti argama. Isaan amantootni Qorontos kunni ifatti arganiiru Kristoosiin karaa wangeelaa.

**"Egaa"** jechii jedhuu darbee darbee jecha. The Gerak inglish Lexioson of the New Tstament and ather early Christial literature by bauer, Arnidt, Gingrich and dunke (jecha hundee *The Greek-English Lexicon of the New Testament and Other Early Christian Literature* kan kauu haaraatii fi kiristaanoota kan biroo durii barreefama harkifataa kan ta'an fayyadama tarreessa, sagallee irratti hundaa'ee (fuula 424).

1. Calaqqee gochaa kan uumuu
2. Hojii irra kan oolee, daawwiin ilaaluu kan mul'atu

3. Gidduu galleessa, tokko daawwiin ilaalu.

▣ **“in jijjiiramna”** kun xiyaafata ammaati. Qabiyyee barreefama kanaatiin gochamni hundumtuu sagallee hojii irra oolani dha Waaqayyoo bakka keenya kan godhee kan ilaalan, amantoota gara Yesusiin fakkaachuuti jijjiiruu isaa (Roome 12:2)
Gochama wal fakkaata fayyadama irra ooleera (Maati 17:2, Maar 9:2). Jecha ingilli metamorphois (meetaamorfosiis) kan argannee jecha Girikii kana irratti.

▣ **“Gara bifa wal fakkaataa ta’eeti”** Yesus fakkaattii Waaqayyooti (4:4, Yoha 1:14-18, 14:9, Qolaa 1:15, Ibi 1:3). Namoonnii kan uumaman fakkaatii Waaqayyootiin (Uuma 1:26-17). Amantootni fakkaatti Kiristoositti (Roome 8:29-30). Kristoosiin fakkaachuun galma dursa Waaqayyooti, amantoota hundumaaf (Galaa 4:19, Efe 1:4).
▣ **“Ulfinaa gara ulfinaatti”** Waaqayyoodhaan deebi’uudhaaf karoora haareessuu irratti sadarkawwaan jiru. Amantootni adeemsa irra jiru mata duree addaa 1 Qoro 3:15 ilaali). Innis gara Kristoosiin fakkaachuuti kan geggeessuu (1 Yoha 3:2). Mata duree addaa ulfina 1 Qoro 2:7 ilaali.

▣ **“Gooftaa, hafuura”** hiiki wal harkifataa muraasaa

1. King Jams “keessumatti hafuura gooftaa”
2. Valget, “kessuumatti gooftaa irraa (innis hafuura kan ta’e)”
3. West Kotii fi hort “keessumati hafuura olaantummaa”
4. Lakk.16-17 qabiyyeen barreefama isaa, “gooftaa irraa innis hafuura kan ta’ee” (TEV, NJB, fi NIV)

Qabiyyee barreefamoota tokko tokkoon pneuma (jechuun, hafuura) ta’uu kan qabuu beekuudhaaf

1. Ishee xinnoo “s” kan inni argisiisuu hafuura namaati KJV lakk. 6, 8, Roome 7:6, 1 Qoro 15:45)
2. Isa guddaa “S” kan inni argisiisuu hafuura qulqulluu dha, qaama Waaqa sadan tokkoo kan bara baraati (lakk.3, Roome 8:9, Galaa4:6, 1 Pheetx 1:11)

## Gaaffiillee maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Kakuu Moofaadhaa fi Kakuu Haaraa gidduu garagarummaa jiru ibsi
2. Kakuu Moofaan maaliif du’a jedhamee kana jechuun Kakuu Moofaan hamaadhaa jechuudhaa?
3. Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa gidduu firoomi jiruu maalii dha?
4. Dubbifamni kun kan dubbatuu waa’ee hafuura qulqulluuti yookaan hafuura biyya lafaa?
5. “Golgaa” bara haaraadhaaf dubbiin haalaa kana kiristaanoonni dabarsuu kan yaalaan maalii dha?

# II Qorontos 4

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Galmee qodaa suphee keessaa | Ifa wangeela Kiristoos | Galmee dhugaa: tajaajiltoota du'an | Qabeenyaa Hafuuraa qodaa suphee keessaatti | Faayidaa ergamaa Xiroo'aadaa dhaa hanga Meqedooniyaatti (2:12-4:6) |
| 4:1-6 | 4:1-6 | 4:1-6 | 4:1-6 | 4:1-6 |
| | Gatamuu garuu mu'amuu dhiisuu | | | Ergamummaa gidiraa fi abdii (4:7-5:10) |
| 4:7-15 | 4:7-15 | 4:7-12 | 4:7-12 | 4:7-12 |
| Amantiin jiraachuu (4:16-5:5) | Isa hin mul'anne ilaaluu | 4:13-15 | 4:13-15 | 4:13-15 |
| | 4:16-18 | | Amantiin Jiraachuu | |
| | | 4:16-18 | (4:16-5:5) | 4:16-18 |
| | | | 4:16-18 | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**
*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Qabiyyee barreefamaa gabaabaa

A. Dhi'eenya ergichaa lakk.2

B. Faallaa ergichaa lakk. 3-4

C. Ergaa golgamee lakk.4b-6

D. Ergaa Paraadooksii (ayaahoo) lakk. 7-13

E. Bu'aa ergichaa lakk. 14-18

## II Qorontos 4:1-6

**[1]Kanaafis akkuma araara Waaqayyoo fudhannetti, hojii ergaa kanaa hojjechuudhaaf abdii hin kutannu*. [2]Waan yeellaasisaa namani dhoksaatti hojjetu garuu dhiifneera; haxxummadhaan hin hojjennu, dubbii Waaqayyoos hin miccirru. Nuyii mul'ifnee dhugaa dubbachuudhaan fuula Waaqayyoo duratti yaada garaa namootaati of dhi'eessina*. [3]Wangeelli nuyi lallabnu yoo haguugame immoo, warra karaa badiisaa irra jiran duwwaadhaaf haguugame*. [4]Inni hamaan waaqayyicha bara si'anaa kana ta'e, yaada warra hin amanin sanaa jaamseera; inni ifa ulfina Kristos, isa fakkaattii Waaqayyoo wangeela keessa ibsu sana, akka hin argineef isaan dhowweera*. [5]Nuyi ofii keenya utuu hin ta'in "Yesus Kristos gooftaa dha" jennee in lallabna; nuyi immoo sababii Yesusiif hojjetoota keessan*.[6] Waaqayyo isa,"dukkana keessaa ifni haa ifu !" jedhutu, beekumsa ulfinaa isaa isa fuula Kirstoos irraa mul'atu ifatti baasuudhaaf garaa keenya keessatti nuuf ibse*.**

**4:1 "Nuyii"** Phaawulosi maqaa dhaala baay'ee kana mataa isaa heeruuf fayyadamuun isaa ifaa dha, boqonnaa kana hundumaatti akka godhe.

▣ **"Tajaajila kana qabna"** Phaawulos kan heeruu "tajaajila hafuuraa" dha (3:8), akkasumas immoo "tajaajila tolaa" jedhamee kan waamamuu (3:9). Phaawulos jecha kana tajaajilaaf itti gargaaraada, *diakonia*, 2 Qoro irra deddeebi'uudhaan

1. *diakonēo*3:3, 8:19, 20
2. *diakonia*, 3:7, 8, 9, 4:1, 5:18, 6:3, 8:4, 9:1, 12, 13, 11:8,
3. *diakonos*, 3:6, 6:4, 11:15, 23

Kiristaanonnii kan fayyan tajaajiluudhaaf (EFe 2:10). Kiristaanummaan "keessa isaati anaaf kan ta'uu maaltuu jira" jechuudhaan kan xiyaafatuu miti "kan birootiif maal gochuun danda'a, Kristoos anaaf kan godhe irraa kan ka'e" jechuun kan xiyaafatuu male. Phaawulos tajaajileera akkasumas tajaajilaaf kan inni waamamee (Galaa 2:20). Mata duree addaa tajaajilaa geggeesummaa 1 Qoro 4:1 ilaali.

▣ **"Akka araara fudhaneeti"**araarri Waaqayyoo Saa'oliif, innis boquu jabeessa, lolaa, mormaa kiristaanaa kan turee (1 Teso 1:13, 16), kara Damasqooti (gocha hojii irra oolee kan argisiisu) oduu gaarii akka lallabuuf jajjabeessuudhaan itti fufsiisee, haala rakkisaa gidduuti.

Phaawulos Girikidhaan in barreessa ture, haa ta'uu malee Ibirootaan yaade. Jechii Girikii *eleeō* (jechuun, araara, gara laafummaa, namaaf gadduu) saptuwaajeentiidhaan fayyadama irra kan oolee jecha Ibirootaa *hesed* hiikuudhaaf mata duree addaa 1 Qoro 13;1 ilaali innis amanaamummaa kakuu wajjin adeema. Yaahiwween sagallee abdii isaatiif amanaamaa dha, namummaan illee kan hin dandeenye yoo ta'ee! Jijjiramni akka diraamaati Phaawulos ifatti kan argisiisuu araara Waaqayyoti. Inni haraaran hojjeta, Yihudootaaf (Roome 9:15, 16, 18, 23-24, 11:30) fi Yihudootaaf (Room 11:32) mataa isaatiif kaayyoo kakuu, kunnis ijoollee namaatiif fakkaatti isaa deebisuuf, karaa hojii Kristoosiif tajaajila hafuura qulqulluutiin. Waaqayyoo amanamummaan inni kakuu isaatiif qabu fi araara hin jijjiramne amallii isaa mucaa namaatii fi abdi tokkicha.

▣ **"Lapheen keenya hin dadhabuu"** kun gocha xiyaafataa ammaati. Kana hubachuun kan nurra jiraatu tajaajila wali gala Phaawulos ilaalcha isaa fi qabiyyee barreefama irraa fi jalaa kanaa (lakk. 16). Phaawulos yeroo baay'ee miiraa abdii kutannaa godheera. Yesus yeroo baay'ee mul'ataan itti mul'atee jajjabeeseera (Hoji.erg. 18:9-10, 23:11, 27:24, 2 Teso 4:17). Qabiyyee barreefama adda addaa kanaan, dhugaa kan ta'aan rakkina foonii kanaa fi rakkina wldaa kiristaanaa Qorontos keessa turan, Phaawulos amantii qaba ture, araara qabeessa, Waaqa kakuu achi akka turee fi akka to'atuutti (3:12). Gochii isaa baay'ee cimaa turee, laphee dadhabsiisuudhaaf (Maati 28:19-20, Luqaa 24:47, Hoji.erg. 1:8).

**4:2 "Dhiifneera"** kun gocha giddu galleessa kan argisiisuu dha. Wantoota itti fufeenya qabuu dha, Phaawulos keessumatti dhuunfaa isaatti fayyadamuuf kan hin barbaanne tajaajila mataa isaa irratti.

1. Wanti ammami ilee galumsi nama dogogorsan
2. Wanti kam illee tooftaan nama salphisuu
3. Wanti hamaan kam illee
4. Ammam illee kan jijjiraman yookaan wanti nama goowomsan, ergaa Waaqayyoo kan ilaalate.

Isaan kun tooftaa tokkon tokkon komii barsiisoota sobduu yookaan ngocha isaanii kan calaqqisiisuu dha.

▣
**NASB** **"Wantoota kan qaanii t'uu isaanii irraa kan ka'ee wantoota dhokatan"**
**NKJV** **"Kan qaanessan wanta dhokataa"**
**NRSV** **"Wantoota qaanii tokko kan dhoksuu"**
**TEV** **"Kan dhoksaatii fi gocha saalfachiisaa"**
**NJB** **"Wantoota nama qaanessan wal makaa"**

Phaawulos gaalee wal fakkaataa dha kan fayyadamee, garbummaa cubbuu ibsuudhaaf, Roome 6:221 irratti, akkasumas cubbuu namootaa isaaniis 1 Qoro 4:5 kan mul'atan (akkasumas 1 Qoro 14:25 ilaali). Qabiyyee barreefama kanaatiin gaalichi kan fakkaatuu tooftaa barsisoota naanna'aani argisiisuu dha.

▣
**NASB, NKJV** **"Hameenyaan in deddeebinuu"**
**NRSV** **"Hamaa gochuu waayuu jenneera"**
**TEV** **"Dogogorsuun in deddeebinuu"**
**NJB** **"Hamaa ta'uun karaa keenya miti"**

Kun gochama keeyata ammaati. Kan Phaawulos "isa hamaa" jecha jedhuu fayyadama (jechuun, "hundumaa" eda'aama "hojii") yeroo baay'ee ergaa Qorontos irratti (1 Qoro 3:19, 2 Qoro 4:2, 11:3, 12:16). Baay'ee of eegachuun nurra jiraata, waa'ee tooftaa isaaniiti fi galama isaani. Kiristaanummaan, galumsa isaa (tooftaa isaa) raawwii isaa in murteessa. Jechi wal fakkaataan kun Phaawulosiin fayyadama irra kan oolee

1. Iyoob 5:13 ogummaa namaa heeree argisiisuudhaaf (1 Qoro 3:19)
2. Seexannii Hewwaniin yeroo dogogorsee (2 Qoro 11:3)
3. Dogogorsa seexanaatii fi barsisoota sobduuf (Efe 4:14)
4. Isaan kun tooftaa barsiisoota sobduuti

▣
**NASB** **"Yookaan sagallee Waaqayyoo sobaan walin makuu"**
**NKJV** **"Ta'uu yoo baatees sagallee Waaqayyoo bifa nama yeellasisuun qabachuu"**
**NRSV** **"Sagallee Waaqayyoo sobaan qabahuu"**
**TEV** **"Ta'uu yoo baatee sagallee Waaqayyo sobaan qabanaa hii"**
**NJB** **"Yookaan sagallee Waaqayyoo sobaan qabachuu"**

Jechi kun bocii wajjin deeman hiikii isaani

1. Qallachuu (dhangalaa'aadhaaf) (2:17)
2. Kiyyoon qabuu (Maati 26:4, Maari 14:1)
3. Waliin dha'uu yookaan dogogorsuu (2 Qoro 11:13, 3:13)

Inni kan argisiisuu ergaa jijjiruudha, fedhii dhageefatoota irratti hundaa'uudhaan yookaan dhageeffatoota dogogrsuu yaaluu dha (1 Qoro 1:23)

▣
**NASB** **"Dhugaa mul'isuudhaan"**
**NKJV** **"Dhugaa mul'isuudhaan"**
**NRSV** **"Dhugummatti ifatti labsii"**
**TEV** **"Dhugumatti ifa guutuu"**
**NJB** **"Dhugaa ifatti argisiisuudhaan"**

"Labsii" 2:14 irratti kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali. "Dhugaa" jechi jedhuu gaalee maqaa qaba, akkasumas wangeela kiristoos argisiisa, Kakuu Haaraa. Barsisoota sobduu karaa qaanefachiisaa turee kan deddeebi'an, karaa dhokataa, Phaawulos garuu dhugaa guutummaa isaa mul'inatti ture kan lallabu. Mata duree adda "dhugaa" barreefama Phaawulosiin 13:8 irratti ilaali.

▣ **"Waaqayyoo fuula duratti sammuu namaa hundumaaf mataa keenya in gallatefanna"** Phaawulos kan biraaf kan qabuu kan mataa isaa jaalala murtaa'aa argisiisaa jira (1 Qoro 9:19-23). Kun dabalataan dubbachaa hin jiru, haa ta'uu malee fedha irratti kan hundaa'ee birmadummaa mataa ofi murteessuuti, aadaan gufuu yookaan

fillannoo nama dhuunfaati, kan biraadhaan. Kan isaa fedhi ta'uu abbaa wangeelaati, birmadummaa dhuunfaa utuu hin ta'in (Roome 14:1-15:13, 1 Qoro 8, 10:23).

Phaawulos jechoota wal fakkaataa kana 15:11-21 irratti fayyadame, kanas immoo wangeelaa fi karaa isa labsuu qooda qabnuu cimsa kan itti laatuu. "Gallateefachuu" kan jedhuu yaadannoo guutuu 3:1 irratti ilaali. "Sammuu" kan jedhuu yaadannoo guutuu 1 Qoro 8:7 fi 10:25 irratti ilaali.

▣ **"Waaqayyo fuulduratti"** kun ta'uu kan danda'uu gaalee dubbii haalaati "Waaqayyo ragaa kooti" kan jedhuun wal bukkee dha. Kan biraan kan Phaawulos immoo gaalema kana karaa wal fakkaataadhaan in fayyadama (Galaa 1:20, 1 Teso 5:21, 6:13, 2 Teso 2:14, 4:1), akkasumas immoo kan Phaawulos jecha kakuu hubadhuu, 1:23, 11:31 fi 1 Teso 2:5, 10) kan jiru.

**4:3 "Akka"** kun ramaddii tokkoo hima haalaati, innis dhugaadha jedhamee kan yaadamu. Namoonni tokko tokko kana akkasumaan hin argatan (Maati 13).

▣ **"Wangeelli keenya kan haguugamee miti"** kun gaalee xumuramee keeyata hojii irra oolee dha "in haguugama" (3:14, 16). Innis immoo Phaawulosiif ifaa dha, kanas wangeela lallabuudhaaf namoonni tokko tokko raawwatanii deebii kennu in danda'an. Yihudoonni "laphee jaboota" akka ta'an (3:14 fi Isaa 6:9-10), dhageefatootni bara hundumaati "jaamfamaniiru" (4:4). Kunni beekumsa dursa ga'umsaa faallaa isaa dhoksaa fedhii bilisaati, kan wangeelaa Ayaahoo (Paaradooksi) (Yohaa 1:12, 3:16, Faallaa isaa 6:44, 65).

▣ **"Kan badaaniif"** Phaawulos misi'oonummaa wangeelaa itti fufeera, akka foolii jireenyaa fi du'aa (2:15, 1 Qoro 1:18-19, 8:11, 10:9-10, 15:18). Labsii wangeelaatiif hojii cimaa dha, tokko tokkof jireenya tokko tokkof du'aa.

"Baduu" yaad rimeen mata duree addaa 1 Qoro 8:11 fi 1 Qoro 1:18 ibsa jiru ilaali.

**4:4 "Waaqi biyya lafaa kanaa"** kun ka qaama isa hamaa maqoota adda addaatiin Phjaawulosiin in waamama.

1. Seexana (Roome 16:20, 1 Qoro 5:5, 7:5, 2 Qoro 2:11, 11:14, 12:7, 1 Teso 2:18, 2 Teso 2:9, 1 Teso 1:20, 5:15).
2. Daabiloos (Efe 4:27, 6:11-12, 1 Teso 3:6, 7, 2 Teso 2:26 kan seexanoota fayyadama, 1 Qoro 10:20-21, 1 Teso 4:1)
3. "Qilleensa irra kan jiruu geggeessa humna" (Efe 2:2).
4. "Kan bara kanaa/waaqa biyya l[faa]" Yohannis isa kan waamuu "kan bara kanaa/biyya lafaa kana kan bituu jechuudhaan Yoha 12:31, 14:30, 16:11).
5. "Qoraa" (1 Teso 3:5)
6. "Isa hamaa" (2 Teso 3:3 waamichi kun Maatihosi Yohannis barreefama isaanii irratti kan baratamee dha.
7. "Ergamaa ifaa" (2 Qoro 11:14)

Lakk.kun jecha waldoota kiristaanaa durii xiyaafannoon guddaan kan itti kennamee dha, sababi isaa inni Ginostikii fi Haarihaan (kan Bahaa) barsiisoota sobduu abida irratti boba'aa akka dabaluu waan ta'eef. Kanaafis, akka caroomuu dhiisuu ta'ee, isaan (Irenaeus, Turtullian, Origim, Chrysoston, Ambrose, Theodoret, fi Augustine) kan Girikii kan barreefama kanaa gara "innis Waaqayyo kan biyya lafaa kanaa yaada warra hin amanini jaamse" kan jedhuuti jijjiireera. Amma egaa seexanni ifatti kan heeramee bitaa biyya lafaa kanaaf humna akka ta'ee dha (Yoha 12:31, 14:30, Efe 2:2). Isaan kun kan durii miseensa waldoota kiristaanaa aboonni humna qaama hamaa yaada rime in faallesine, haa ta'uu malee yaad-rimee xin-waaqummaa Ginostic Deniurge fi Arians ilaalcha isaanii kan ta'ee Waaqummaadhaan kan xinnaatee Kristoos kan jedhuun. Mata duree addaa qaama hamaa 1 Qoro 7:5 ilaali.

**Kan biyya lafaa kanaa"** kunnis jecha Girikiiti "Addunyaa" innis (jechuun *aiōnos*). Kunnis kan argisiisuu kan fakkaatuu kan Yihudootaa ilaalcha bara lamaanuti, kan bara hamaa kanaa innis cubbuu ljala kan jiruu fi kan bara dhufuu innis masiihii jala kan ta'uu Maat 28:20, Efe 2:2). Bara laaman guutuu ibsa mata duree addaa 1 Qoro 1:20 ilaali. "Addunyaan kun" (*kosmos houtos*) fi "barri kun" (*aiōn houtos*) kan jijjiraman fayyaama irra oolera (*George E. Ladd's A Theology of the New Testament* (xin-waaqummaa Kakuu Haaraa fuula 223).

▣ **"Yaada warra hin amanini jaamse"** kun gocha kan argisiisuu dha. Jechichi fayyadama irra kan oolee jaamuma hafuuraatiif Maati 15:14, 23:16, 1 Yoha 2:11 irratti akkasuma yaad'rimee Yoha 9 irratti jira. Kan jecha wal fakkaataa kana saptuwaajeentii Isaa 6:10, Yohaa 12:40 irratti heerameera. Innis caalaatti darbe darbee jecha, barreefama Phawulosiin (Roomee 2:19 fi asiti), haa ta'uu malee wangeela keessatti kan irra deddebi'amuu dha.

Keeyata isaayaas (jechuun 6:9-10) inni kan murtii Waaqayyoti, ija hafuuraa israa'elootaa kan jaamse, sababa amanuu dhiisuu itti fufeenya qabuuf. Kun dhugaa wal fakkaataa dha Roome 1:21 ibsameera, achis keeyati hojii irra oolee Waaqayyoon kan argisiisuu (Room 11:8-10, Isaa 29:10 fi Faarfa. 69:22-23 kan heerame). Innis madaallii eeguudhaaf rakkiisaa dha.

1. Amanuu dhiisuu namootaa
2. Boquu jabeessuu Waaqummaa
3. Jaamsuu seexanaa

Amantiin kennaa dha deebii ta'uu dha! Kan kakuu Paraadookii (Ayaahoo) dursa beekamtii ga'umsaa fi dhoksaa bilisaa fedhiiti. Waaqayyoo Waaqa ta'uu isaa dirqamatti fudhachuu qabna, akkasumas itti gaafatamummaa namoota akka fedhu. Mata duree addaa filamuu/beekumsa ga'umsa dursaa fi madaallii xin-waaqummaa barbaachisummaa 2 Qoro 8:16-17 irratti ilaali.

Hamaan humna inni qabuu tilmaamuu in dandeessaa, ija namootaa jaamsuudhaaf kan inni qabu, dhugaa wangeelaa nama booji'uu akka hin arginee dha (Maati 13:9) fi hafuura qulqulluudhaa fi kachachuu fi deebii akka hin lane Yoha 6:44, 65)? Phaawulos amanuu dhiisuu ibsuudhaaf dubbii haalaa baay'ee fayyadameera (1)laphee jabootaa (2)Yaada jaamsaman (3)sammuu gogan fi (4)ija jaamsaman. Itti fufeenya kan qabuu lola hafuuraa qaba (Efe 6:10-19).

▣

**NASB** **"Kanaafis ifa wangeelaa akka hin argineetti, ulfina Kristoos"**
**NKJV** **"Ifi wangeelaa ulfnni akka hin mul'annee…isaan irratti akka hin ibsine"**
**NRSV** **"Ifi wangeelaa ulfina Kristoos akka hin argine gochuu"**
**TEV** **"Isaan irratti kan ibsuu ifa akka isaan hin argine gochuu, innis wangeela kan dhufu ifa, innis waa'ee ulfina Kristoos"**
**NJB** **"Kanaafis ifa wangeela ibsuu, ulfina Kristoos arguu in danda'an"**

Qabiyyee barreefama kanaatiin in hubata yoo ta'ee, ifaa wajjin kan adeemu jecha baay'ee qabu. Kunnis kan heeruu

1. Yesus, yeroo hundumaa "ifa" jedhamee waamamuu isaa (Yoha 1:4, 9, 3:19, 8:12)
2. Tariis shaakalli Phaawulos karaa Damaasqoo (Yoha 9)
3. Tarii dubbiin haalaa waabii, *Shekinah* ulfina Waaqayyoo ba'uu (lakk.6, 3:7 kan heeramee irraa)

Sagallee isaa qulqulluu keessatti Kristoosiin ilaaluu dadhabuun fayyina dhabuu dha. Kakuu Haaraan kan labsuu ulfina Kristoos, wangeelaan. Kakuu Moofaan kan raawwatee fi kan xumuramee isaan. Inni hundee barbaachiisaa, dhagaa golee, dhagaa dimdimoo, daarii irratti dhagaa ta'u. isa dhabuun, amantii balleessu dha.

▣ **"Innis fakkaati Waaqayyoti"** Yesusiin arguun abbaa arguu dha (Yoha 1:18, 14:8, 9, Qolaa 1:15, Ibir 1:3). Kakuu Haaraan cimsa kan itti laatuu Yesus foon uffachuu isaati. Kaayyoo sadii tajaajiluuf.

1. Abbaa guutumaatti mul'isuuf
2. Cubbuu dhiisuu
3. Amantootni fakkeenya itti fufee jiru kennuudhaaf

**4:5 "Mataa keenya in lalabnuu"** ergaa Phaawulos hiikuudhaaf yaaluun, haasaa bilbilaa wallakaa qofa akka dhageeffachuuti. Ibsa Phaawulos irraa kan tilmaamnu wantoota sababa ta'aanii dha. 3:1, asitti fi boqonnaa 01-13 ifatti kan ta'ee, kan Phaawulos kan jedhuu waa'ee isaanii Qorontosiin kan turee isa dhuunfaati fi wangeelaa waan miidhaaniif. Phaawulos humnaan cimsaa kan jiruu gooftummaa Yesusi fi tajaajilummaa isaati (1 Qoro 3:5-9). Inni mataa isaa qofa kan dhorkuu (jechuun, "nuyii mataan keenya" cimsa) yookaan sirrummaa isaa argisiisaa jira (boqonnaa 12) wangeellii isaa gatii kan qabuu a'uu isaa eeguudhaaf jecha. Taayitaan ergamummaa daangaan ibsa ajaaja'ibsiisaa George Ladd's *A Theology of the New Testament*,fuula 382 ilaali).

▣ **"Kristoos Yesus gooftaa"** gaaleen kun waldaan kiristaanaa isheen durii kan cuuphaa ibsa amantii turte (Room 10:9-13, 1 Qoro 12:3, Filli 2:9-11). Jechi gurguddaa sadan hundumtuu kakuu haaratti fayyadama irra kan oolan abdii kan ta'ee rakkina kan fudhatee tajaajilaa mul'isuudhaaf fayyadama irra ooleera, gaalee kanaan.

1. Kristoos –kunni jecha wal qixaa Girikii kan ta'ee jecha Ibiroota *messiah,* dha, hiikii isaas "kan dibamee" dha. Yaadi wali gala isaa "tokko Waaqayyoodhaaf hojii addaa kan waamameef kan ga'ee" dha. Kakuu

Moofaati geggeesitoota ramaddi sadiitu Luboota, Moototа, fi Raajoota in dibuu turan. Yesusi sadan hundumaa muudama dibamaa raawwateera (Ibi 1:2-3).

2. Yesus – kunni hiika maqaa Ibirootaa "Yaahiwween in fayyisa" dha yookaan "Yaahiwween fayyina fida" innis maatittii ergamaadhaan mul'atee (Maati 1:21) "Yesus" jecha Ibirootaa fayyisuu jedhu irra dhufeedha, *hosea*, Waaqayyoodhaan maqaa kakuu, Yaahiwwee irratti itti fufee kan gale dha. Innis maqaa Ibirootaa irraa Yesusi wajjin gosa tokkoo dha.
3. Gooftaa –"gooftaa" (kurios) jechi jedhuu fayyadama irra kan ooluu bifa wali galaatiin yookaan bifa xin-waaqummaa murtaa'een. Hiikii isaa ta'uu kan danda'uu "isaan" "gooftaa" "abbaa manaa" "abbaa manaa" yookaan "Waaqa guutuu" dha. Kan Kakuu Moofaa fayyadamni jecha kanaa (*adon*) kan dhufee Yihudoota irraa maqaa kakuu Waaqayyoo, Yaahiwwee waamuu dhiisuuf (mata duree addaa 1:1 ilaali, innis gochama Ibirootaa irraa "ta'uu" kan dhufee dha (Ba'uu 3:17). Isaanis ajajicha akka irra hin dadarbine waan sodaataniif "maqaa Waaqa keetii akkasumaan in waamiin" kan jedhuu (Ba'uu 20:7, Kees.deebii 5:11). Isaan yaadaa kan turan amma itti hin himammneeti, akkasumaan akka himn waamneeti ture. Waan ta'eef jecha Ibirootaatiin, *adonai* jijjirani, innis jecha Girikiti *kurios* (gooftaa) wajjin hiika wal fakkaataa qaba. Barreesitootni Kakuu Haaraa jecha kana kan fayyadaman Kristoosii fi ibsa Waaqummaa guutuudhaaf.

Ibsi baay'een gaalleewwaan waa'ee Yesus fayyadama irra ooleera

1. Yesus Mahiisiin/Kristoosiidha – Hoji.erga 5:42, 9:22, 17:3, 18:5, 28, 1 Qoro 1:23
2. Yesus mucaa Waaqayyooti –Hoji erga. 9:20, Roome 1:3-4, Ibiro 4:14
3. Yesus gooftaa dha –Hoji.erga 2:36, 10:36, 11:20, Roome 10:9, 2 Qoro 4:5, Filli 2:11, Qolaa 2:6

Isaan walitti qabaan kun itti yaadamuudhaan waldaa kiristaanaa durii hubannoo isaanitti waa'ee Yesus nama Naazireeti.

**4:6 "Waaqayyos kan jedhee 'dukkana keessatti ifni haa ifuu'"** kun seera uumamaa 1:3 waabi dha, akkasumas kan Phaawulos dhuunfaati waabiin, shakaala karaa Damaasqooti (Hoji. Erga 9:1-22, 22:3-16, 26:9-18). Pheexiroosifis mul'ata wal fakkaataa ta'ee shakaala Yesus ifa kan dabalatuu itti mula'ateera (jechuun, ulfina) jijjiiramuudhaan gaaraa irrati (2Pheexi 1:19).

▣ **"Laphee keenya"** mata duree addaa 1 14:25 ilaali.

▣ **"Ulfina Waaqayyo"** kun kan adeemuu kan fakkaatuu *Shekinah* dumeessa ulfinaa wajjin, innis argamuu yaahiwwee fakkeenya kan godhuu macaafa Ba'uu (3:17). Kun argamuu Waaqayyoo fakkeenya gara kakuu tabootaati jijjiramee, laga Yordaanoos erga ce'aanii boodaa, gara biyaatti abditi, yaahiwween guuutuu guutuuti beekameera, akka argamuu kan qaama kan qabatamuu utuu hin ta'in, haa malee Yesusiin waaqummaa foon uffateen. Mata duree addaa ulfina 1 Qoro 2:7 ilaali.

▣ **"Fuula Kristoositti"** kun itti fufeenya kan qabuu kan wal bira qabamuu dha, golgaa Museetiin (3:13) fi calaqqee Yesus giddiitti (Iiroota 1:3). Amantootni ulfina Yesus wangeela ilaalaniiru (3:18).

## II Qorontos 4:7-12

**[7]Amma nuyi warri wanta gati-jabeessa akkasii fudhanne kun, akka qodaa suphee ti; kana eeguudhaaf humni humna gararraa kan keenya utuu hin ta'in kan Waaqayyoo ti*. [8]Karaa hundumaa in rakkanna, garuu badduu hin baanu; waan goonu in wallaalla, garuu abdii hin kutannu*. [9]In ari'atamna, garuu hin gatamnu; lafaan dha'amna gauu achumati hin hafnu. [10]Yesus jiraataa ta'uun isaa dhagni keenya jiraachuu isaatiin akka mul'atuuf, yeroo hundumaa milikita du'aatti geggeefamuu Yesus dhagna keenyaati baannee in adeemna*. [11]Jireenyi Yesus foon keenya isa du'u keessaan akka mul'atuuf, biyya lafaa irra utuu jirruu sababii Yesusiif jennee gaaf hundumaa du'atti dabarfamnee in kennamna*. [12]Egaa duunii nu sodaachisaa jira; isin immoo jireenyatti jirtu*.**

**4:7 "Haa ta'u malee qabenya kana qabna"** kun kan agarsiisuu kan Waaqayyoo Afuura kessa buluudha, innis qaama Yesus jireenya keenya keesatti mul'isa akkasumas in boca (Yoha 16:8-14, Roome 8:9, Qolaa 1:27, 2 Pheexi 1:3-4).

▣ **“Qodaa suphee keessatti”** kunni qaama namaaf cimsa, lakk. 10 , 16, 5:1, Umama 2:7, 3:19, 18:27). Kuuni qabiyyee barreefama wali gala kan falleessuu dha, Phaawulos haala foonii biyya lafaaf wangeelaan daangaa kan hin qabne humna hafuuraa isa keessa buluu hafuura qulqulluudhaan jireenya isaa keessa.

▣ **“Guddummaa humna isaati”** *Huperbolē*,, mata duree addaa kan Phaawulos *Huper* wal makaa fayyadama 1 Qoro 2:1.

**4:8-11 “Karaa hundumaatiin ni dhiibamna malee in badnu”** lakk. 8-10 duraa booda kan ta’an kan ammaa 9(hojii irra kan oolan baay’inaan) keeyatni (gochama) qabu, isaaniis jecha Konee Girikii tapha jechaa kan ta’an, tajaajila rakkisaa kan Phaawulos kan ibsan. Kan keeyati sadeet (gochama) faallaa 2:2 ti. Kan isa jalqabaa kan ibsuu tajaajila Phaawulos shaakala isaa yeroo ta’uu laman bu’aa isaani murteess. Taphi jecha kanaa fakkeenya kan ta’an (1) “wantoota kan hin nyaatamne dhabuu fi (2) “Rukkutamanii kufuu garuu kufanii hafuu dhabuu” kutaan kun 2 Qoro 1:6, 6:4-10, 11:25-28 wajjin nwal bira qabamuu danda’a.

**4:9 “Baduu”** “baduu” yaad-rimee mata duree addaa 1 Qoro 8:11 fi 1 Qoro 1:18 irratti ibsa jiru ilaali.

**4:10 “yeroo hundumaa du’a Yesus foon keenya irratti bane in naannoofna”** kun kan argisiisuu Waaqayyoo dha wajjin sirritti wal bira qabuu Paraadooksii (Ayaahoo) dha, haa ta’uu malee rakkina fooniitif kan saaxilamee biyya lafaa kufte irraa kan ka’e. Jireenya bara baraa qabana, haa ta’uu malee foon keenyaan in duuna (1:8). Yesus akka tufatamee fi akka ari’atameeti (Yoha 15:20), amantootaaniis akkasuma ta’a (1Qoro 15:21, Galaa 2:20, Filli 3:10, Qolaa 1:24, 1 Pheexi 4:12-19).

▣ **“Jireenya Yesus akkasuma”** kun argisiisuu (1)Kristoosi du’aa ka’ee, innis abdii Phaawulos kan ta’ee yookaan (2)Amanamummaa Yesus, rakkina keessati. Phaawulos amanamummaa Yesus kan argisiisuu gochuu barbaadeera (lakk. 11) fi kan duuka bu’ootaa du’aa ka’uu irratti hirmaatoo ta’uudhaaf (lakk. 14, 1 15).

▣ **“Foon keenyaan akka mul’atuuf”** gochi kun cinaan hojii irra kan ooleedha. Galaa 6:17 dubbisi, innis ifatti mallattoo qaama Phaawulos irraa argisiisa, tajaajila Yesus keessatti. Qodaan suphee yeroo cabbuu keessa isaa qabeenyaan jiruu gaaariitti argama (12:9-10).
Phaawulos jecha Girikii sarx fayyadama (jechuun, foon) miira baay’eedhaan.

1. Foon namaa(“*sarx*” lakk. 10 wal cina “foon” lakk.11 akkasumas immoo 2 Qoro 7:5, 10:3, 12:7)
2. Qaama namaa (2 Qoro 5:16. 11:18)
3. Sanyii namaa (jechuun, abbaa –ilma, Roomee 1:3, 4:1)
4. Nama wali galatti (1 Qoro 1:26, 29)
5. Cubbamummaa namaa (Roome 7:5, 18, 8:3, 4, 5, 8, 9, 12,13, 2 Qoro 1:1, 10:2).

**4:11 “Nuyii jiraatoo kan taanee yeroo hundumaa du’aaf dabarfamnee in laatamna, waa’ee Yesusiif”** keessii xin-waaqummaa lakk.kana kan ilaalatee 1 Qoro 4:9 irratti dha, achitis ergamaan lamaanuutiif ergamaadhaaf namaaf kan argisiisuudha, amantootis immoo kan argisaanii dha, biyya lafa badee fi biyya ergamaa (Efe 2:7, 3:10).

“Yeroo hundumaa” jechi jedhuu (6:10) “Yeroo hundumaa” kan jedhuu wajjin wal bukke dha lakk. 10. Waamichi tajaajilaa, ta’ii jedhee guyya guyyaadhaan mataa ofiif du’uu jechuu dha (5:14-15, Roome 6:7, 1 Qoro 15:31, Galaa 2:20, Fillii 3:8, 10, 1 Yoha 3:16). Haalli kun seera uumamaa irra kan jiruu wajjin kufaati mucaa namaaf galalgaltoo dha. Innis ragaa Kristoosiin fakkachuuti, kunnis fakkaatiin Waaqayyoo ilma namaa irratti deebi’uu isaati.

“Dabarsanii kennu” jechi jedhuu (*paranididōmi*) fayyadama irra kan oolee Yihudaadhafi, Yesusiin abbaa abooti dabarsanii kennuu isaanitiin (Maati 20:18-19, Maari 10:33). Innis Yesusiin fayyadama irra ooleera bifa raajiitiin, waa’ee warra duuka bu’oota isaa yeroo ibsuu Maati 10:17, 24:9, Maari 13:11-12.

“Waa’ee Yesus” gaaleen jedhuu hubatamuu kan qabuu akka sabaabati. Kan keenya ba’aan tajaajilaa Yesusiin in fayyaduu, haa ta’uu malee isaan kan keenya, sababa isa duukaa bu’uu keenyaaf. Isa akka ari’aatan hundumaa nus nu ari’atuu, akkasumas immoo, dhugaa kan ta’ee akka duuka buutuu Kristos rakkinni nuyii fudhannuu gara isa fakkaachuutti caalaattia akka guddannuu kan nugargaarani dha.

Phaawulos du’a Yesus heeruun isaa haala xin-waaqummaa tiin sadarkaa baay’eetti ibsama.
1. Dhoksaa xin-waaqummaa qulqulluu (Room 6:3-5, Qolaa 2:12, 3:1, 3-5)
2. Dooktrinii waldaa kiristaanaa (1 Teso 4:14-15)
3. Shaakala dhuunfaa (2 Qoro 4:10-11, Galaa 2:20, Fillii 3:10).

▣ **“Foon du’ee”** mata duree addaa 1 Qoro 1:26 ilaali.

**4:12 “Waan ta’eef du’ii nurratti hin hojjeeta, isini irratti garuu jireenya”** kun kan ammaa giddu galleessa (gargaartuu) kan argisiisuu dha, innis du’a nama kan godhu. Kunnis kan argisiisuu kan Phaawulosiitii fi garee ergama isaa rakkina qaamaati (lakk. 16) akkasumas jireenya hafuuraa, isaaniif wangeellii kan lallabamuuf.

Macaafa qulqulluu maliqii itti fufiinsaan, II Qorontos Victor Furnish kan amanuu inni sagallee hojii irra oolee akka ta’uu dha. (fuula257) sababi isaa sagaleen sun lakk.10-11 waan gadi qabuufidha kunnis hubannoo kan argatee dhimma mata duree humna Waaqayyoo isaa (lakk.7). kun kan argisiisuu Waaqayyoo rakkinaa fi ari’atamuu akka itti fayyadamuudha, duuka buutuu isaa Kristosiin fakkaachuu uumuuf. Jireenyi geggeesitootaa ergaa isaanitiif humna kenna (1:3-11, 2 Teso 2:9-10).

## II Qorontos 4:13-15

**13Caaffannii qulqullaa’aan, “nan amanee kanaafaan dubbadhe” in jedha; nus immoo hafuuruma amantii sana qabannee amanne; kanaafis in dubanna*. 14Waaqayyo inni gooftaa Yesusin du’aa kaase, yesusin waan kaaseef, nus immoo kaasee isinii wajjin of bira akka nu dhaabu in beekna*. 15Akkuma ayyaanni Waaqayyoo caalaatti baay’atee irraa hafe, warri ulfima Waaqayyootiif galata dhi’eessanis akka baay’ataniif kun hundinuu isiniif ta’e*.**

**4:13 “Tokkicha hafuura amantii waan qabnuuf”** asitti wanti guddaan kan ta’uu amantii wal fakkaataa ta’e, innis nama Waaqayyoo dha wajjin sirrii kan godhuu Kakuu Moofaati (jechuun, Faarf. 116 barreessaa) amanti dha. Waaqayyoo wajjin sirrii kan nama godhuu, Kakuu Haaraati (jechuun, Abrahaama Uuma 15:6 innis Phaawulosiin kan heeramaee Roome 4:3, 9, 22) irratti.

Phaawulos “hafuura” jecha jedhuu kan fayyadamee bifa eenyummaa nama dhuunfaatiin innis yeroo hundumaa “hafuura” kan fayyadamuu eenyummaa keessa namaa karaa waabiiti (4:21 irratti qabsiisa jiru ilaali). Kana jechuun gaalee wal fakkaataa wajjin innis 1 Qoro 12:9 wajjin adeema jechuu mirti, kan akka Abirahaama kan jiruu (Uuma 15:6). Haala nama ajaa’ibsuun Word sdudies in the New Testament (qayyabbannaan jecha Kakuu Haaraa guca lama, M.R. Vincent) akka jedhuutti “hafuurri qulqulluun adda baasee, yookaan kara biraatiin, gartokkootti jechuun namaa uumama, haa ta’uu malee lamanuu walitti qabeeti, amantiin akka kenna hafuura waaqayyotti” (fuula 82).

Synonyms of the Old Testament, Robert Girdlestone (Kakuu Moofaan wal fakkaatee) ibsa nama hawwatuu qaba “hafuura” jechi jedhuu fayyadama Kakuu Haaraatti (fuula 61-63).

1. “Hafuura hamaa
2. Hafuura namaa
3. Hafuura qulqulluu
4. Hafuuraa keessaati fi hafuura namaa keessatti wantoota uumamuu
   a. ‘Hafuura garbummaa’ osoo hin ta’iin faallaa isaa ‘hafuuraa ijoollummaa’ –Roome 8:15
   b. ‘Hafuura garamummaa’ -1 Qoro 4:21
   c. ‘hafuura amantii’ -2 Qoro 4:13
   d. ‘Hafuura mul’ataa fi ibsaa, isa beekuu’ – Efe 1:17
   e. ‘Hafuura soda utuu in ta’iin fallaa isaa kan hunma , kan jaalalaa fi kan namuudsaa’- 1 Teso 1:7
   f. ‘Hafuura dogogoraa” faallaa “hafuura dhugaa’ -1 Yoha 4:6”

▣ **“Akka barreefameeti”** kun kan xumuramee hojii irra kan oole keeyata, innis bareesitoota Kakuu Haaraatiin fayyadama irra kan oolee kan qulqulluu sagallee isaa kennuu fi faayidaa isaa argisiisuudhaaf (Maati 5:17-19).

▣ **“Nan amanee, kanaafaan dubbadhee”** kun kan heeramee Saptuwaajentii irraatti, Faarf. 116:10 irraa, innis Waaqayyoo qulqulluu isaa akka oolchuu kan dubbatu.

**4:14 “Innis gooftaa Yesusiin kan kaasee”** gaaleen kunni ajaa’ibsiisaa akka tasa kan ta’eedha, kakuu haaaraan yeroo hundumaa hojii fayyisuu kan hojjeetan qaamni sadan hundumtuu, Waaqa akka ta’ee kan argisiisuu.

1. Waaqayyoo abbaan Yesusiin kaasee (Hoji.erga 2:24, 3:15, 4:10, 5:30, 10:40, 13:30, 33, 34, 37, 17:31, Roome 6:4, 9, 10:9, 1 Qoro 6:14, 2 Qoro 4:14, Galaa 1:1, Efe 1:20, Qolaa 2:12, 1 Teso 2:10).
2. Waaqayyoo ilmi mataa isaa of kaasee (Yoha 2:19-22, 10:17-18).

3. Waaqayyoo hafuura qulqulluun Yesusiin kaasee (Roomee 8:11)

Garagarummaa baay'ee qabuu, "gooftaa Yesus" gaalee jedhuu wajjin kan adeemuu.

1. "Gooftaa Yesus" – MSS a, C, D, F, G
2. "Gooftaa Yesus Kristos"- Ms 436
3. "Gooftaa Yesus warra dua'an keessaa" –MSS 104, 459
4. "Yesus" –MSS, p46, B

UBS4 lakk. tokkoo "B" sadarkaa kenna (guutuu guutuutti utuu hin ta'iin sirrii), haa ta'uu malee Bruce Metzger fillannoo lakk. 4 fillatee NET akka godhe. Garagarummaa baayee yoo qabaate iyyuu inni tokkon isa guddaa ta'ee, keeyaata wali gala irratti amanamummaa isaa irratti dhiibbaa in geesisi.

▣ **"Nuunis nuu kaasaa…itti nu butas"** isaan lamaan kun gocha raajjii kan argisisaanidha. Amantootni du'aa ka'uu (Yesusi wajjin wal fakkaataadhaan) akkasumaas (akkuma amantoota biraa wal fakkaataa).

Phaawulos waa'ee deebi'ee dhufuu hubannoo inni qabuu wal dha'aadha. Barreefama tokkon tokkon kan fakkatuu inni abdii godhatee kan turee lama dhufaatiin isaa *parousia* jireenyatti utuu jiruu akka ta'uu dha (1 Teso 4:15, 17, 1 Qoro 15:51-52 fi Fillii 3:20, 4:5) barreefama biraatiin garuu mataa isaa ibsuu kan yaaluu amantoota du'anii wajjin (2 Qoro 4:14, 5:1-10). Abbaa duwwaa dha deebi'ee dhufuu isaa kan beekuu (Maati 24:36, Maari 13:32, Hoji.erga 1:7). Deebi'ee dhufuun isaa tokkon tokkoon dhaloota amanaaf abdii dha, haa ta'uu malee dhaloota tokko qofa qqabataamaati kan raawwatuu dha. Amantootni qophaa'oo ta'anii jiraachuutu irra jiraata. Tajajilla Kiristoositi damaqoo ta'uudhaan.

**4:15** Lapheen Phaawulos namooti cubbamootni gara amantii Kristoos akka dhufan kan gargaaruu ture, akkasumas nagaa dhugaadhaa fi gammachuu argatanii Waaqayyoon akka galateeffatan" (7:11 fi NASB, NRSV, TEV, NJB). NKJB "Baay'ee irraa wajjin haga tokkoo gara jecha akkasumatti jallata. Kun tarii kan argisiisuu degertoota Phaawulosiidha waldaa kiristaanaa Qorontositti. Innis "muraasa" faallaa ta'uu danda'a (3:1, 10:12, 1 Qoro 4:18, 6:11, 8:7, 10:7, 8, 9, 10, 15:6, 12, 34, 35). Lakk. 15 ifaa kan ta'ee guduunfaa galataati.

▣ **"Ulfina Waaaqayyoo"** mata duree addaa ulfina 1 Qoro 2:7 ilaali.

## II Qorontos 4:16-18

**16Kanaafis nuyi matumaa abdii hin kutannu, namummaan keenya inni bakkeetti mul'atu gadi dhumaa yoo adeeme iyyuu, namummaan keenya inni keessaa haraa bor haara'aa in adeema*. 17Rakkinni salphaan inni nuyi yeroodhaaf baannu kun, ulfina bara baraa isa safara malee guddatu sana baachuudhaaf nu qopheessa*. 18Nuyi gara wanta ijaan argamuu yeroodhumaaf ta'a, wanti ijaan hin argamne garuu kan bara baraa ti*.**

**6:16 "Kanaafi hin dadhabnuu"** kun barreefama Phaawulos keessatti qabatamaa irra deddeebi'ee dha (4:1) Galaa 6:9, Efe 3:13, 2 Teso 3:13). Naannoo galee watootni dhugummaati, jajjabinni hafuuraa keenyaa jabeessuudhaf ija akka godhatuuf.

▣ **"Haa ta'uu malee namummaan keenya alaa yoo badee iyyuu namummaan keenya keessaa guyya guyyaati in haraa'aa"** isaan lamaan kun hojii irra kan oolee kan ammaa kan argisiisanii dha. Gocha deemsa irra jiruu kan argisiisuu. Keeyata hojii irra oolee hiikuudhaaf hubachuun rakkisaa dha, qabiyyee barreefama kanaatiin. Baay'een hiikaa ingilli kan hiikaan akka sagallee gochaati, haa ta'uu malee isaan immoo gochaa Waaqummaa argisiisuu rakkina fooniiti fi ari'atama fayyadamuudhaan, duuka butoonni Yesus jabeessuu fi bilcheesuu (Maati 5:10-12, Yoha 15:18-21, 16:1-2, 17:14, Hoji.erg.14:22, Roomee 5:3-4, 8:17, 2 Qoro 4:16-18, Filli 1:29, 3:11, 1 Teso 3:3, 2 Teso 3:12, Ibiroota 5:8, Yaaqoobi 1:2-4, 1 Pheexi 4:12-19). Efe 3:16 fi 4:24 kan Awuroopaatii fi kan nama haara wal bira qabuu qaba, haa ta'uu malee wal bira qabuun as jiruu kan alaa qaamni foonii fi kan keessa keenyaa uumama hafuuraa gidduutti.

▣ **"In haara'aa"** iti fufee kan jiruu mata duree adda ilaali.

## Mata duree addaa: Hara’umsa (*ANAKAINŌSIS*)

Jechi Girikii kun boca aadda addaatiin (*anakainoō, anakainizō*) hiika hundee qabeessa lama qabu

1. “Wanta tokko haaraadhaa fi adda kan ta’ee gochuu” (jechuun, kan fooya’ee)” –Roomee 12:2, Qolaa 3:10
2. “isa duraa ejjennoo fillannoo irratti jijjirama gochuu -2 Qoro 4:16, Ibiro 6:4-6

(Louw and Nida’s *Greek-English Lexicon*,, (kan Girikii jecha hundee ingili) guca 1 fuula 157, 594)

Moulton and Milligan, *The Vocabulary of the Greek Testament* (galmee jechoota kakuu Girikii akka jedhuttii jechii kun (jechuun *anakkain ōsis*) barreefama Girikiitiin in argamu Phaawulos irraa durse. Tarii Phaawulos mataan isaa jecha kana uumeeti ta’a (fuula 34).

Frank Stagg, *New Testament Theology* , (xin-waaqummaa Kakuu Haaraa yaada ajaa’ibsiisaa qaba.

“Lama dhallachuu fi haara’uun Waaqayyoo qofaan kan inni ta’uu *Anakkainōsis*, “haara’uu” jecha, maqaa gochaa fi Kakuu Haaraatti fayyadama irra kan ooluu boca gochamaa wajjin, itti fufeenya kan qabu haraa’umsa ibsuudhaaf, akka Roon 12:2, ‘har’umsa lapheetiin jijjiramaa’ fi 2 Qoro 4:16 ‘namummaa keenya keessaa garuu guyya guyyaadhaan haara’a” Qolo 3:10 “namummaa haaraa” dha kan inni ibsuu akka ‘haara’ee fi beekumsa keessatti bifa isaatii kan uume kan fakkaatu’. Egaa ‘nama haaraa’ ‘jireenya haaraa’ ‘lama dhalachuu yookaan ‘haara’uu’ ta’ees kan mogaafame, gocha ka’umsa ta’ee dha akkasumas itti fufeenya kan qabuu gocha Waaqayyoo akka kennutii fi jireeny bara baraa kan kenuu (fuula 218)

▣ **“Guyya guyyaati”** Phaawulos dubbii haala Ibiroota fayyadama (Seer.uumaa 39:10, Aster 3:4, Faarf 68:19) dabalataan lakk. 16 “guyya guyyaati” akkasumas kan irra deebi’ee wal fakkaataa Ibirootaa lakk.17 “Dabalaa dabalaa” (jechuun, *huperbolēn eis hperbolēn*).). barreessaan Kakuu Haaraa (Luqaas irraa kan hafee) kan Ibirootaa/Aramaayoota yaada kan qaban akka ta’aan hubadhu, Konee Girikitiin kan barreessan. Dubbii haalaa Ibirotaa baay’eeti fi ijaarsa ser-lugaa, jedhees baay’een waabii Kakuu Moofaa fi luqisiin Kakuu Haaraa irrati argamu.

**4:17-18** lakk. 17 Roome 8:18 wajjin baay’ee wal fakkaataa dha lakk. 18 akkasumas immoo Room 8:24 wajjin yeroo wal fakkaatu. Phaawulos Roomee kan barreessee Qorontos irraati! Inni kan inni yaadaa turee waa’ee waamicha isaatii fi waa’ee rakkina isaa wajjin wal qabatee tureeti. Qabatamaatti wal bira qabuun tokko illee hin ture, rakkina yerootii fi ulfina bara bara! Kun addunyaa Macaafa qulqulluuti innis kan saba Waaqayyoo kan jabeessuu biyya lafaa kufe kanaan. Inni nu wajjin, nfiis, nuniis immoo gara mataa isaati nu fidee bara baraan akka jiraanuuf!

**4:17 “In fida”** gochama wal fakkaataan kun Roome 5:3-4 Yaaqoob 1:2-4 innis immoo rakkina fudhachuu fi faayidaa ari’atamaa ibsa.

▣ **“Baay’ina ulfina bara baraa”** mata duree addaa ulfina 1 Qoro 2:7

▣ **“Kan hundumaa irra caaluu”** *Huperbolē*. Mata duree addaa kan Phaawulos *huper* fayyadama wal makaa 1 Qoro 2:1 irratti ilaali..

## Gaaffillee maree

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Lakk.1 akkam godhee waa’ee barsiisota sobduu tooftaa isaanii dubbataa?
2. Abbooti waldaa kiristaanaa ishee durii barreefama Girikii lakk.4 rakkoo ammayyaa hiikuudhaaf jijjiramuun isaanii sirrii isaan taasiisaa?
3. Seexanni addunyaa kanatti “waaqa” dha jechuun maal jechuu dha?
4. Phaawulos amma kana xiyaafannoo itti kennee rakkina foonii faallaa isaa jabina hafuuraa wajjin kan wal bira qabee maaliif?

# II Qorontos 5

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Amantiin jiraachuu (4:16-5:10)<br>4:16-5:5<br><br>5:6-10<br><br>Tajaajila du’aa ka’uu<br><br>5:11-15<br><br>5:16-6:10 | Waabdii du’aa kaafamuu<br><br>5:1-8<br><br>Teessoo firdii Kiristoos<br>5:9-11<br><br>Waaqayyoo wajjin araaramuu<br><br>5:12-21 | Du’aan wallaansoo qabuuf abdachuu<br><br>5:1-5<br><br>5:6-10<br><br>Tajaajila du’aa ka’uu ittisa gara biraa<br><br>5:11-15<br><br>(5:11-6:13)<br><br>5:16-6:10 | Amantiin jiraachuu (4:16-5:10)<br><br>5:6-10<br><br>Karaa Yesus Waaqayyoo wajjin firoomaa<br><br>5:11-15<br><br>(5:11-6:13)<br><br>5:16-19<br><br>5:20-6:3 | Gidiraa abdii ergamaa (4:7-5:10)<br><br>5:1-5<br><br>5:6-10<br><br>Ergamummaan hojjin<br><br>5:11-15<br><br>5:16-19<br><br>5:20-6:10 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Qabiyyee barreefamaa

A. Phaawulos waaa’ee du’aa isaa ibseera lakk.1-10 irratti.
   1. Inni dubbii haalaa lama fayyadameera
      a. Godoon lafa irraa cinaa isaatiin dhaabbataa, Waaqayyo mana inni ijaaruu
      b. Kan haguugamee cinaa isaatiin kan in haguugamiin (jechuun, qulaa)
   2. Yaadi itti fufee jiruu kan Phaawulos hordofuudhaaf baay’ee rakkisaa dha. Inni kan inni dubbachaa jiru
      a. Cuuphaadhaan Kristosiin isa ufannuu dha (2-4)
      b. Yeroo fayyinaatti kan keessa buluu hafuuraa (lakk. 5)

    c. Yeroo Kristoos deebi'uu qaama hafuuraa haaraa (lakk. 3 fi 10)
3. Barreefama kana hiikuudhaaf kan fooya'aani kan wal cinaa Phaawulos kan argaman Roomee 8:18-25, 26-30 (jechuun, aaduu) fi [1] Qoro 15:53-54 (jechuun, "in liqimfame").
4. Akkasumas barreefamni kun wajjin adeemuu kan qabuu ibsa rakkinaa Phaawulosii wajjin, boqonnaa 4 fi 6. Amanamaa, jireenya gaarii, haala rakkisaa gidduutti qabatamni irra deddeebi'aan.

B. Phaawulos isa guddaa cimsa xin-waaqummaa kan inni godhateee lakk. 6 fi 8 irratti. Duraan dursee yaadamaa kan turee amantootnis ta'ee warri in amanin yeroo du'an gara si'olitti akka gadi bu'an ture, murtii eegachuudhaaf (mata duree addaa warri du'an eessa jiruu? 5:6 irratti ilaali). Yihudummaan kan barsiisootaa keessumatuu kan inni cimsuu warra du'an bakka turmaataa gara garummaa akka qabuu dha (jechuun, Kakuu Moofaan si'ool) tolootaaf cubamoota gidduu. Phaawulos kan inni cimsa itti laatuu du'aa ka'uu Yesusitti inni isa tolaa gara Ganataatti ofi isaa wajjin akka fudhatee dha. Amma amantootni gara si'oolitti gadi in bu'an, haa ta'uu malee gooftaa wajjin taa'uu. Kun egaa tokkummaa guutuu yookiis tokkummaa murtaa'ee akka ta'ee ifaa miti. Macaafni qulqulluun waa'ee jireenya boodee ibsa ragaa in mul'isu.

C. Phaawulos kan biraa ibsa akka tasaa godha lakk. 10 irratti. Walumma galatti amantootni guutumaatii fi warri in amaniis Kristoosiin fuula isaa in dhaabbatuu akka abbaa murtiitti. Kun egaa kan wal cinaa firdii hoolaadhaa fi reetii, Matii 25 yookaan teessoo adii guddaa murtii Mul'ata 20? Amantootni cubbuun hundumtuu kara Kristos kan dhiifameef yoo ta'ee, maaliif murtii itti ta'a. irra deebi'ee gaaffiin adda ta'ee kun bifa macaafa qulqulluutiin deebi'uu in danda'u. tilmaamni loogikii, isaan itti gaafatamoo kan ta'an
1. Ergaa wangeelaa
2. Kennaa hafuuraa isaanii
3. Fayyadama qabeenya foonii isaanii
4. Kan isaanii tajaajila irratti argamu

Haa ta'uu malee, kun akkasumatti tilmaamumaa lakk. 11-21 irratti hundaa'uudhaan.

D. Kan Phaawulos itti gaaffatamummaa hafuuraa ibsuu, lakk. 11-21 irra kan jiruu ifatti kan inni callaqisisuu kan barsisoota sobduu dhuunfummaa, ta'es gocha safuu malleessaa/barsiisa

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

### II Qorontos 5:1-5

**[1] Godoon jireenya keeynaa [kana jechuunis dhagin Keenya] lafa kana irraa yoo jige, ijaarsa harki namaa hin ijaarin mana bara baraan bantii waaqaa keessa jiraatu Waaqayyo biraa akka qabnu in beekna*. [2] Isa ammaa kan keessatti baa'ifnee in aadaa, mana keenya isa waaqa irraas irrummatti dabalchuudhaaf in hawwina* [3] irratti dabalachuun keenyas isa duraa ofirraa baasinee qullaa keenyaa akka hin argamneef.* [4] godoo Keenya isa kana keessa lafa irra yeroojirraannu , ba'aan nutty ulfaatee in aadna kunis mana keenya isa waaqa irraa isuma kana irratti dabalachuudhaaf, kanaanis inni du'u jireenyaan akka liqinfamuuf malee, nuyi godoo keenya kana of irraa, baasuu waan barbaanneef miti.* [5]Inni akeeka kanaaf nuu qopheesse immoo, Waaqayyo isa hafuura isaa qabsiisa nuuf kennee dha*.**

**5:1 "In beekna"** macaafa kanaa Phaawulos maqa dhaala baay'ee sababa fayyadamef beekuun rakkiisaa dha. Al tokko tokko inni kan heeruu (1)mataa isaa (2)garee ergama isaa yookaan (3)amantoota hundumaati yaada wali gala isaa kan murteessuu qabiyyee barreefamichaa qofa. Asitti ani kanaan tilmaamuu lakk. 3

▣ **"Akka"** kun rammaddii sada haala dha, gocha cimaa kan ibsu. Du'uun phaawuloos beekamaa ture, akkasumasi immoo dhufaatii dursee yoo hin geenye. Inni kan yaade Isiyaa tti akka du'u ture (1:8-10). Jireenyii isaa akka Ergamootaa salphaa ykn dhiphina kan hin qabne hin turre (4:7-12, 6:3-10, 11:24-28). Phawuloos yeroo du'a isaa ykn halasaa hin barre. Innii Kirsitoos haga dhufu tti jireenya tti akka turu yaadee ykn abdii godhatee ta'a (1 Qor 15:51-52, Filph 3:20, 1 Teso 4:15, 17). Ta'us, dubbifama kan biraatiin du'aa akka ka'u abdii godhateera (1 Qor 6:14, [2] Qor 4:14. Ibsa gaarii dhaa fi F. F. Bruce's Answers to Questions, (gaafii fi deebiwan) Fuula 200-201 ilaali). Deebiin lammataa Kiristoos jirenyatti jiraachuu abdii dhaloota amantootaati, dhaan isaa garu innii tokkofaan dhaloota rakina fudhate qofa.

▣ **"Godoo"** kun jecha Macaafa Qulqullu baayee kessaa dubbii haalaa isa tokko, isa dadhabaa qaama namaatiif (jechuun, mariga, suphee).

Phwulos qamisa akka dulloomu ni beeka. Inni godoo dulloome baayee suphuu yaaleera!

▣
**NASB, TEV** **“tarsa’eera”**
**NKJV, NRSV** **“dhabamsiifamera”**
**NJB** **“dhaabeera”**

Kun gocha hoojira bukkeen ooleedha. Phawulos du’aaf jireenyii harka Waaqayyo keessa akka jiru beekeera (jechuun, sagalee hojira oole). Akka du’u beeka, hata’u malee yoomif akkammitti akka ta’e hinbeeku haalaa bukkeen).

Jechi kun hika bal’aa qaba. Kaku Moofaa fi Kakuu Haaraa *kataluma* bakka aaragalfitiif fayadama irra hi’oola ture. Akkasumas *kataluō* mana jirenyaaaf ykn bakka bufataa fi ni oola ture, akkasumas katalu*ō* mana jirenyaa ykn bufata ykn bakka boqonnaaf ni oola ture. Ta’us, inni immo wanta tokkof baduu ykn dhabamsiisuf fayadama irra oola (innisi kan *luō* dubbii haalaa babal’isu, jechuun, kan laafee, Mat 24:2). Isa 38:12 inni fayadama irra kan oole godoo diguudhaaf. Kunis Phaawulos kan inni fayadame kan foya’ee walbukkee fakkaata.

▣ **“Mana Waaqayyo biraa ta’e qabna”** kun mana dhabataa dha (Yoh 14:2-3, Ibro11:10) bakkaa bakkatti kan sochoo’u, godoo kan yeroo wajjin yeroo walbira qabamu (Ibro 11:9). Kun kan yeroo ammaati. Phaawulos dhugaa raajii dhaabaa jira, akka dhugaa amma jiruutti.

▣ **“Mana harkaan hin ijaarmin”** qamni keenya haaran kan hafuuraa ta’a ([1] Qor 15:35-49), akka Iyeesuus (Mar 14:58, [1] Yoh 3:2).

▣ **“Waaqa irra kan ta’e kan barbaraa”** kun kan agarsiisu bakka iddoo bultii Waaqayyooti. “sami” jechi jedhu kan lakkofsa baayeeti, sababii isaa barsiisonni hammam “samiwan” akka jiran waan walfalmanif. Ser Uma 1 irratti jechi sami jedhu kan agarsiisudachee ol kan jiru qillensa agarsisa. Waan ta’eef barsisonnii bekusa qubee macaafaa fayadamaniru, sami sada ykn sami torba cimsudhaaf, akka iddoo bultii Waaqayyoti.
Mata duree addaa: samiwan 12:2 ilaali.

Samin ol ykn ala miti. Inni tarii bifa biraa ta’a, bakkaaaf yeroo male. Iyesuus du’aa ka’uu isaa booda mul’chuus dhokachuus danda’eera, akkasumas bakka bakkatti naanna’uu. Altokko haga qaama sami yoo bekame addunyaan kan haafuraa sodaachismaan isaa aja’ibsisaadha.

**5:2 “Asitti”** kun saala hinqabu, innis “manas” kan eeru lakkofsa 1 irratti.

▣ **“Aaduu”** jechi kun gocha ammaa kan agarsiisuudha, amantoonni aaduutuykn gadi fagenyaan aaduutu irra jiraata, seerrii haaraan Waaqayyo akka dhufuu fi ykn qaama haafuraa haaraa (Rom8:18-27, umamnii hin aada,lakkofsa 22, amantoonni hinaadu, lakkoofsa 26).

▣ **“Munaafaqa”** kun jecha cimaadha fedhiif (9:14). Akka maqaatti lakkofsa 7:7 fi 11 irratti dha. Phaawulos abbaa mira cimati.

**5:3-4 “Akka uffannuf”** Phaawulos uffatta irra dedeebi’e fayadama, akka dubbii haalaa kan haafuuraa. Asitti kan eerame uffanni kan olii ykn kan alaa gaddiroo dha (*ependutēs*, Yoh21:7). Inni uffatta kan inni fayadamef namotaaf filannoo tooftaa jirenyaatif dubbi haalaati. Amantoonni jirenya moofaa dhabmsisanii akka ufataatti gara bukkeeti akka godhan hin jajabeefamu (3:8, 9, Efe 4:22, 25, 31, Ya’i 1:21, 1 Phe 2:1). Isaan Kirstoosiin uffatu (3:10, 12, 14, Efe 4:24, Room 13:14, Galaa 3:27). Isaan amantootni kun ala tokko yaada isaanii hamaadhaan qabamanii booji’amanii turan amma garuu karaa Kristoos isaan irraa galagaluu danda’aaniiru (Roome 5-6). Kun Kristos irratti kaa’uu fayyadama jechaa waldaa kiristaanaa ishee durii seera cuuphaa turee wajjin walitti dhufa. Achitis haaraa kan jijjiraman cuuphaa boodee wayyaa haaraa uffachuu isaaniti. Phaawulos qaamni foonii kan biraaf akka ta’uu in barbaane, kunnis du’aa fi du’aa ka’uu gidduutti shaakala ta’ee ejennoo jiru, haa ta’uu malee lama deebi’uu isaati wajjin haaloota wal qabatanii wajjin hirmachiisuu barbaadeera (1 Teso 4:14-17), inni tokkonis qaama hafuuraa isa haaraa kan ta’e.

Yaad-rimeen xin-waaqummaa kunni qaama foonii irraa walaba ta’uu qulqulluu sagallee isaatiin akka ta’uutti adda ba’ee in teechifamne, haa ta’uu malee yaada wali gala rakkisaa dha, yaad-rimeen isaa falaasama Girikiitiin sababa fayyadama irra ooleef, kunnis kan qaama foonii guddaa fi isa caaluu akka ta’ee qaama dhaabataa jedhamee kan yaadamu. In Word Picture in the New Testament A.T.Robbert son (fakki jechoota Kakuu Haaraa) akka jedhutti “Phaawulos foon isaa irraa kan adda ba’ee hafuura akka ta’uu hin barbaane, kan uffata hafuuraa” (gucaa 4 fuulaa 228). Kan itti fufee ibsa koo irraa yaadannoo gabaabaa dha, guca 7, 1Tes 4:16.
www.freebiblecommentary.org ilaali.

"Kanaafis Kristoositti kan du'anitti dursanii ka'uu' gaaleen kun jeequmsa uuma, warri du'an du'a isaaniitii fi du'aa ka'uu isaanii giddutti eessa akka deeman. Lakk.kun kan inni argisiisuu awaala keessa akka turanii dha (Maati 27).

Ta'us, 2 Qoro 5:8 kan inni argisiisuu isaan Gooftaa dhaa wajjin ta'uu isaaniti. Furmaata ta'uu kan danda'uu qaama foonii kan hin qabne ejennoo argisiisuu isaati. Qaamni foonii isaa awaala keessa ture, humni jireenya isaa gooftaa dha wajjin akka ta'uuf deema. Bakka kanatti gaafiin in deebine baay'een jiru. Macaafni qulqulluun mata duree kana kan ilaalatu barnoota ifa ta'ee in laatu.

Hikoonni baay'een qulqulloonni Waaqayyoo wajjin/Yesusi wajjin akka ta'anii dha, akkasumas isaa wajjin in deebi'uu (NASB). Ilaalchi kan biraan immoo (TEV) irratti argama "isaan Kristoositti amananii kan du'ani dursanii ka'u."

**5:3** lakkoofsichii cuftuu qaba. Phaawulos sirritti maal akka argisiisaa jiru akka ta'ee beekuun rakkiisaa dha, sababii isaa

1. Barreefamni isaa dubbii haalawwanii waan wal makuuf
2. "Qullaa" "ufachuudhaa wajjin" akkamitti akka deemuu sirritti beekamtii waan qabuuf
3. Walitti dhufeenyi qabiyyee barreefama innis waa'ee rakkina ergamootaa (du'a) yookaan moormii (barsiisota sobduu)
4. Kana isaaras itti dabalata rakkina garagarummaa barreefamaa qaba. Kan fooya'ee ragaan barreemaa *eudusamenoi* gara boodaati ("baasuu" jechuun, MSS p[46], a, B,C,D[2]), haa ta'uu malee baay'ee jecha wal fakkaata *ekdusamenoi* ("uffachuu" jechuun MS D*) qabiyyee barreefama isaa miira fooya'een kenna. Inni tokkoo ibsa barreefamaatiin safartuu kan filatuu yoo ta'ee.
   a. Barreefama Girikii durii kan wayyani dha
   b. Baay'ee kan hin baratamnee barreefamni isaa ta'uu kan danda'uu tarii isa guddaa dha

   Achi irraas Phaawulos irra deddeebi'aa barbaachiisa barreeseera (jechuun, "of irraa baasuu…qulaa" ). UBS[4] murteessuu in dandeenyu ( "C"), garuu " uffachuu kan jedhuu barreefama isaa irratti teechiseera macaafa qulqulluun Net immoo lakk.lama filata "ufachuu".

▣ **"Qulaa"** jechi kun barrefama Girikiitiin, itti fufee fayyadama irra oole, ejjennoo du'aatiin qaamni foon irraa adda ba'ee (Vincent, word Studys guca 2, fuula 822, Frank stagg, New Testament theology xin-waaqummaa Kakuu Haaraa) fuula 322-324, Gorge E. Ladd, A. Theology of the New testament xin-waaqummaa Kakuu Haaraa fuula 552-554). Girikootni kuta kana argamuu qaama foonii irraa adda ba'uu in yaaduu, ta'ees kiristaanummaan, akka Yihudummaa, akka cimsutti nuyi yeroo baayee ibsa qaama qabna kuni amantootnis ta'ee kan hin amaniin Daani'eel 12:1-2, Maati 25:46, Yoha 5:28-29, Phaawulos dabalataan kan innii ceephaa'uu barsiisoota sobduu ta'a (jechuun, jalqaba irratti kan jiruu Ginostisizimii).

**5:4** Kun jecha gabaabaa kan gaaffii ta'u lakk. hiikuu kan inni qabuu Roomee 8:18-25, 26-30 ifa (jechuun, "aaduu" fi 1 Qoro 15:53-54 (jechuun, "aaduu" "liqimsuu"). Inni kan ta'uu kan lakk.2 ibsa lamataat.

**5:5 "Kan qoopha'ee"** Phaawulos jecha kana itti fufeenyaan 2 Qoro (4:17 5:5, 7:10, 11, 9:14, 12:12). Jireenyi keenyaa carraadhaan, akka tasaa, to'annoo carraa jala Waaqayyoodhaan male. Rakkna keenyas yoo ta'an illee akka bilchaanuuf amantii fooya'ee akka qabaanuuf (Roomee 8:28-30, Ibirota 5:8).

Kennamuu hafuura qulqulluu

1. Mallattoo ifa ba'uu bara haaraa
2. Ragaa fayyina dhuunfaa
3. Barumsa tajaajilaa
4. Galumsa fayyinaa
5. Qabdii mootummaa Waaqayyoo

▣

**NASB, NEB** **"Abdii kan galame"**
**NKJV, NRSV**
**TEV** **"wabii"**

Yaadirimen kun abdii kan galame (qabidii) kan Kakuu Moofaa fakeenya qaba (barrestoon Kakuu Haaraa yaadaa Hibirootaa kan qaban Konnee Giriikin kan barreesan ta'uu isaanii yaadadhu).

1. Gatii baasuuf abdii galame (Umama 38:17,18,20, Keesa Deebi 24:10-13
2. Wantoota barbaachisan kennuuf abdii galame (1 Samu 17:18)

3. Abdii dhunfaatti galame (2Moto 18:23, Isa 36:8)

Jechi Giriikii kun kan innii agarsiisu “kaffaltii duraa” ykn horii hidhaa waliigalteeti (2Qor. 1:22, 5:5). Girikii ammayyaa tiin innii fayyadama irra kan olee qubeelaa ga’ilaatiif, innis ga’ila dhufuuf waliigaltee kan ta’e. Hafuurri Qulqullun kan bara talaa haaraa abdii raawatame dha. Kunis “kanaan dura” fi “ammayyuu kan hintaane” kan faallaa kutaa Kakuu Haaraa, innis kan lamaanuu walirra ooluu bara Yihudotaa, sababa dhufaatii Kiristoos lamaaniin (isa gaarii dhaaf How To Read the Bible for all Its Worth (macaafa qulqulluu faayidaa isaa hundumaa wajjin akkamitiin dubbifama Fee Stuart, fuula 129-134). Ilaali. Hafuurri qulqulluun amma qabdi nuu laatamee dha, qindaa’uma isa dhufuuf.

## II Qorontos 5:6-10

**6Kanaaf nuyi yeroo hundumaa ija jabina qabna; mana dhagna keenyaa keessa hamma jirrutti, mana gooftaa irraa fagaannee jiraachuu keenya in beekna* 7Nuyi amantiidhaan jirannaa malee, waan hundumaa ijaan arguudhaan jiranna miti*. 8Nuyi ija jabina qabna; mana dhagna keenyaa kana irraas fagaannee, mana keenyaatti gooftaa bira jiraachuun nuuf in wayya*. 9Egaa mana dhagna keenyaa keessa jiraannus isa irraa faaganus, gooftaa dhimmina*. 10Namni adduma addaan dhagna isaa kanatti utuu jiruu gaariis ta’e hamaas ta’e, akkuma hojjetetti waan isaaf ta’u akka argatuuf, nuyi hundumti keenya barcuma firdii Kristos duratti dhi’aachuuf jirra.**

**5:6**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Jabina gaarii”** |
| **NKJV, NRSV** | **“Amanachuu”** |
| **TEV** | **“Jabina guutuu”** |
| **NJB** | **“Amantii gutuu”** |

Jechi kun II Qorontos irratti bifa lamaan fayyadama irra ooleera

1. Amanachuu, jajjabaachuu (5:6, 8, 7:16)
2. Iftoomina (10:1, 2)

Nuyii amantii itti fufeenya qabuu (jechuun, gocha ammaa keeyata booz) Kristosiin, kadhata keenyaanis ta’ee tajaajilaan iftoomina nuu laataa.

▣ **“Manatti…hafuu”** isaan jecha wal qabatan lamaan kana gidduu tapha jechaatuu jira (akkasumas immoo lakk. 8 fi 9 irratti).

1. *Endēmountes*, mana ta’uu (gocha ammaa keeyata booz)
2. *Ekdēmoumen*, mana irraa fagaannee utuu jiru (gocha ammaa kan argisiisuu)

Isaan eenyuu akka taatee yeroo ubatuu, yeroo hundumaa isaa wajjin mana keessa taata, ammam illee lafa irra yoo ta’ee amantiidhaan yoo jiranees (lakk.7).

## MATA DUREE ADDAA: WARRI DU’AN EESSA JIRU?

I. Kakuu Moofaa
   A. Namni hundumtuu *Sheol* deema (qorannoon madda jecha kanaa ifa miti, BDB 1066). Kunis karaa ittiin du’a yookiis boolla awwaalaa agarsiisanidha, baay’inaan barreeffamoota ogummaa fi Macaafa Isaayyaas raajichaa keessatti. Kakuu Moofaa keessatti kun iddoo dukkana, of beekanii garuu, gammachuu malee (cf. Iyyoob 10:21-22; 38:17; Far. 107:10,14) jiraataniiti.
   B. Akka itti *Sheol* ibsamu
      1. Firdii Waaqayyoon wal qabatee (abidal, ba’u 32:22)
      2. Adaba guyyaa firdii dura iyyuu jiruun wal qabata Far. 18:4-5
      3. *Abaddon* (badiisa) iddoo Waaqayyo iyyuu qaqqabu; Iyyoob 26:6; Far. 139:8; Amos 9:2
      4. Boolla guddaa (awwaala) agarsiisu, Far. 16:10; Isa 14:15; Hisq. 31:15-17
      5. Jal’oonni jiraatti si’oolitti darbatamu. Lakk 16:30; Far. 55:15
      6. Yeroo baay’ee akka bineensa afaan guddaa qabuutti fakkeeffama, Lakk. 16:30; Isa. 4:14; 14:9; Ibr. 2:5
      7. Namoota achi keessaa *Repha’im* jedhaman, (Isa 149-11)

II. Kakuu Haaraa

A. Jechi Ibraa'isxii "*sheol*" afaan Giriikiitti "Hades (addunyaa hin argamne) jedhamee hiikama.

B. Akka *Hades* itti ibsamu

1. Du'a agarsiisa, Mat. 16:18
2. Du'aan wal qabata, Mul. 1:18; 6:8; 20:13-14
3. Yeroo baay'ee iddoo adabbii bara baraa agarsiisa (*Gehenna*), Mat. 11:23 (waraabbii Kakuu Haaraa Luq. 10:15; 16:23-24)
4. Yeroo baay'ee bawwaa gadi fagoo agarsiisa, Luq. 16:23

C. Hirama qabaachuu danda'a (barsiisota amantii)

1. Iddoo qajeelotaa jennata jedhamu (maqaa biraa mana Waaqarraa agarsiisu, cf. IIQor. 12:4; Mul. 2:7; Luq. 23:43).
2. Iddoo jal'oota *Tartarus* jedhamu, IIPhex. 2:4, iddoo itti ergamoonni hamoon hidhaman (cf. Uma. 6; I Enoch)

*D. Gehenna*

1. Jecha Kakuu Moofaa "Bowwaa ilmaan Ben-Hiinom" jedhu calaqqisiisa (kibba Yerusaalem). Kunis iddoo warri foonenshiyaanootaa Waaqa tolfamaa isaanii, *Moleh* (BDB 574), jedhamu aarsaa ijoollee dhiyeessuudhaan itti Waaqeessan ture (cf. II Moot 16:3; 21:6; IIAbboota firdii 28:3; 33:6), kunis isa Lew 18:21; 20:2-5 keessatti dhowame ture.
2. Ermiyaas iddicha iddoo warra ormoota Waaqa tolfamaa Waaqeffatanii irraa gara iddoo Firdii Waaqayyootti keessatti iddoo sodaatamaa fi firdii bara baraa ta'e.
3. Yihudoonni bara Yesuus hirmaannaa abboonni isaanii aarsaa ijoollee dhiyeessuudhaan Waaqa tolfamaa Waaqeffachuu keessatti gochaa turaniin wana baay'ee haaraniif nananoo kana iddoo gataa kosii Yerusaalemitti jijjiiranii turan. Fakkeenyonni Yesuus baay'een adaba bara baraa agarsiisan qabiyyee iddoo kanaa irraa kan dhufanidha (abidda, haara, raammoo, cf. Marq. 9:44,46). Jecha Gehenna jedhu Yesuus duwwaatu dhimma itti ba'e (Yaa'iqoob 3:6 irraan kan hafe)
4. Itti fayyadama Yesuus jecha *Gehenna* jedhuuf
   a. Abidda, Mat. 5:2; 18:9; Marq. 9:43
   b. Kun bara baraa, Marq. 9:48 (Mat. 25:46)
   c. Iddoo badiisaa (poonio fi lubbuudhaan), Mat. 10;28
   d. Si'oolii wajjin walfakkeffama, Mat. 5:29-30; 18:9
   e. Jal'oota "Ilma qiliilee" jedhe ibsa, Mat. 23:15
   f. Murtoo seeraatiin adabbii muramu, Mat. 23:33; Luq. 12:5
   g. Yaadni Gehenna jedhu du'a lamma (cf. Mul. 2:11; 20:6, 14) yookiis galaana abiddaa 9cf. Mat. 13:42, 50; Mul. 19:20, 10, 14-15; 21:8). Galaanni abiddaa iddoo namoonni bara baraan jiraatan (si'ol irraa ka'uudhaan) fi ergamoonni hamoon jiraatan ta'uu danda'a (Tartarus irraa ka'uudhaan, II Phex. 2:4; Jude, hidha 6 ykn abyss, cf. Luq. 8:31; Mul. 9:11; 20;1,3).
   h. Namootaaf utuu hin ta'in seexanaa fi ergamoota isaatiif qophaa'e ture, Mat. 25:41

E. Jechoonni si'ool, Hades fi Gehenna jedhaman wal fakkeenya isaan qaban irraa ka'uudhaan jalqaba namoonni hundumtuu gara si'ool/Hades deeman

1. Jalqaba namoonni hundumtuu gara *si'ool/Hades* deeman.
2. Turtiin isaan achitti qabaatan (gaarii/hamaa) guyyaa firdii booddee hammata, garuu iddoon jal'ootaa iddooma wal fakkaataa kana turu (kana irraa ka'uudhaan KJV'n hades (qiliilee) akka *gahennat*ti (bowwaa) hiika.
3. Kakuu Haaraa keessaa barreeffamni dhiphina guyyaa firdii dura ta'uu agarsiisu seeanaa Luq. 16:19-31 keessa jiru duwwaadha (Alaazaarii fi namicha sooressa sana). *Si'ool* akka iddoo adabbii har'aattis ibsameera (cf. Keessa Deebii 32:22; Far. 18:1-5). Garuu, seenaa kana irratti hundaa'uudhaan barsiisa amantii lafa kaa'uun hin danda'amu.

III. Turtii du'aa fi ol butamuugidduu jiru

A. Kakuu Haaraan "lubbuun akka hin duune" hin barsiisu, kun ilaalcha baay'ee waa'ee jireenya booddee irratti dur turan keessaa tokko ture.

1. Lubbuun namaa foon isaa dura jira

2. Lubbuun namaa du'a foonii duraa fi baadu bara baraan jiraata.
3. Yeroo baay'ee foonii akka mana hidhaatti du'is akka wanta gara dhaala dura tureetti deebisuutti ilaalama.

B. Akka Kakuu Haaraatti hubannaa waa'eedu'aa fi du'aa ka'uugidduutti qaama foonii keessaa ba'uun wal qabate jiru
1. Yesuus waa'ee adda ba'uu foonii fi lubbuu dubbata. Mat. 10;28
2. Abarahaam amma qaama qabaachuu danda'a, Maq. 12:26-27; Luq. 16:23
3. yeroo bifti Yesuus geddarame sanatti Muusee fi Dliyaas qaama qabu turan, Mat. 17
4. Phaawuloos yeroo dhufaatii Gooftaatti lubbuun Kiristoosiin qabdu jalqaba qaama haaraa akka uffattu dubbata, 1Qor. 15:23, 52
5. Phaawuloos yeroo du'aa ka'uutti amantoonni akka qaama hafuuraa haaraa argatan ifa godha. 1Qor. 15:23, 52
6. Phaawuloos akka dubbatutti amantoonni gara Hades (si'ool) deemu utuu hin ta'in yeoro du'an Yesuusii wajjin ta'u, IIQor. 5:6, 8; Fi. 1:23. Yesuus du'a mo'eera qajeelotas ofii isaa wajjin gara Waaqaatti ol fudhata, 1Phex. 3:18-22

IV. Waaqa (samii)

A. jechi kun Macaafa Quqlulluu keessatti karaa sadii ilaalama
1. Duumessa lafaa ol jiru, Uma. 1:1, 8; Isa. 42:5; 45:18
2. Waaqa urjii guute, Uma. 1:14; Keessa Deebii 10;14; Far. 148:4; Ibr. 4:14; 7;26
3. Iddoo teessoo Waaqayyoo, keessa Deebii 10;14; 1Mot. 8:27; Far. 148:4; Efe. 4:10; Ibr. 9:24 (Waaqa sada, IIQor. 12:2).

B. Macaafni Quqlulluun waa'ee jireenya booddee baay'ee hin ibsu, kunis waan anamni cubamaan karaa fi dandeettii itti hubatu hin qabneef ta'uu danda'a (cf. 1Qor. 2:9).

C. Waaqni iddoodha (cf. Yoh. 14:2-3) akkasumas qaama eenyummaa qabudha (2Qor. 5:6, 8). Waaqni Jeneta haareffamte ta'uu danda'a (Uma. 1:2; Mul. 21-22). Lafti qullooftee haareffamuuf jirti (cf. HoE. 3:21; Rom. 8:21; IIPhex. 3:10). Fakkeenyi Waaqayyoo Kiristoosiin haareffama (Uma. 1:26-27). Amma deebi'anii jennata edenii wajjin tokkummaa qabaachuun danda'ameera.

Haa ta'u malee, kun dhugaa utuu hin ta'in fakkeenya ta'uu danda'a (Waaqa akka magaalaa guddoo tokkootti, Mu. 21:9-27). 1Qor. 15 keessatti garaa garummaan qaama foonii fi qaama hafuuraa akka ija biqiltuu bilchaatetti ibsama. Ammas 1Qor. 2:9 (waraabbii Isa. 64:4 fi 65:17 irraa fudhatame) abdii kakuu guddaadha! Yeroo isa agarru akka isaa taanu nan beeka (cf. 1Yoh. 3:2).

V. Maddoota barbaachisoo

A. William Hendriksen, “The Bible on the Life hereafter”

**B.** Maurice Rawlings, “Beyond Deutu's Door.”

**5:7 “amantiidhaan in deddeebinaa , arguun utuu in ta’in”** kun Kakuu Haaraatti qabatama irra deddeebi’aadha (4:18, Ibirota 11:1, 10, 27, 1 Phaaexi 1:8). “Adeemuu” dubbii haalaa macaafa qulqulluutti, tooftaa jireenyaatiif. Amantootni kan jiraatan addunyaa kan fooniitti, haa ta’uu malee in hubatuu in amanatus, addunyaa ijaan hin argamne.

**5:8** Kun amantootaaf lakk. ajaa’ibsisaa dha. Inni cimsa kan itti laatuu du’aan karaa tokkoon gooftaa wajjin akka taanuu kunnis rafuu lubbuu kan jedhuu yaada rime ceepha’a. ammam illee amantoota biroo dhaa wajjin tokkummaan qabnuus sadarkaa kanatti sadarkaa kanaatti ifaa yoo uu ta’uu baatees akkasumas gooftaadhaa wajjin tokkummaan qabnuu ta’uu akka qabuu guutuumaatti ta’uu yoo baatees, guyyaa du’aa ka’uutti qaama haaraa akka fudhannuu, amantiin keenya guddaan isaa wajjin akka taanuu dha! Dhugaan kun ifatti jala in muramne, macaafa qulqulluu keessatti bakka biratti, luqisii 1:21-23 irraa kan hafee, innis isa kana baay’ee lakk.guddaa kan argamsiisuu! Dhugaa kanaan ifni Phaawulosii fi amantootni hundumtuu kamiin illee fi mudannoo jireenyaa ittiin walaansoo in qabu.

**5:9 “Nuyii immoo inaafaa qabna…isa kan gammachiifnu akka taanuuf”** kun inaafaa amantootaatii fi kakka’umsa (Efes 5:8-10 Qolaa 1:10).

“Gammachiisuu” jechii jedhuu barreeffama baay’ee irratti argama yeroo Phaawulositiis isa dura illee inni kan amanamummaatii fi dhaadannoo amanachuu ture, jaarraa tokko keessatti aadaan warra Helenaahootaa kan

naannoo (Moulton fi Milligan, The Vocabulary of the Greak Testament (galmee jechaa kakuu Girikii fuula 259). Phaawulos baayee kan dubbiisuu beekaa ture, yaadaa Ibirootaati fi Girikii lamanuu.

**5:10 "Hundumtuu marcuma firdii gooftaa durratti in dhi'aatu"** kan dhi'oo qabiyyeen barreefamaa kan barreefamee, amantooti illee Waaqayyo duratti dhi'aatuu (Roomee 14:10, 1 Qaoro 3:10-17). Walummaa galatti, nuyii murtii laana/in badhaafamna, yaada keenya keessatiif, argamuu keenyaaf, kennaa hafuuraa keenya fayyadamuu keenya. Cubbuwwaadhaa fi cubbuwwaan walumma galatti kan wal qabatan du'a bakka bu'ummaa Kristoosiin, haa ta'uu malee dhimmi isaa kan duuka bu'umaati!

Yesusiin akka abbaa murtiitti kan ilaalatee yaad-rimee isaatiif, asitti ibsa koo irraa Yohannis 3:17 irratti yaadannoo gabaabaan jira (www.freebiblecommentary.org).

> "Dubbifamni baay'eeni Yohannis keessa jiru, Yesus akka fayyisaatti dhufuu isaa kan cimsan akka abbaa murtitti utuu hin ta'in (3:17-21, 8:15, 12:47). Ta'us dubbifamni biroon immoo jiruu, Yohannis keessa, isaanis, Yesus kan dhufeef, kan inni dhufuu cimsa kan itti laataan (5:22-23, 27, 9:39 fi kan biroon keessattii kutaa Kakuu Haaraa hojii ergamootaa 10:42, 17:31, 2 Ximoo 4:1, 1 Pheexi 4:5).
>
> Barumsi waaqayyummaa baay'een yaada duraa boodaa in qabu (1)Waaqayyoo hojii murtii Yesuusiif kenneera, inni kan uumamaatiif hojii oolchuu akka hejjetuuf akka malaattoo ulfinaati (5:23) (2)Yesus jalqaba kan dhufeef murtii kennuuf in ture, fayyisuuf malee (3:17) haa ta'uu malee sababa isa fudhachuu dhiisuutiin, mataa isaanitti murteessan (3)Yesus akka mooti moototaatii fi akka abbaa murtiitti in deebii'a (9:39).
>
> Isaan faallaa kan fakkaataan ibsi waa'ee Yohannis cuuphaa Eli'aasidhaa, miti wal falmii ibsa wal fakkaataa dha.

▣ **"Akka hojjeeteeti, gaariis ta'ee hamaa"** kun geggeefama wali galaatti, kunnis namooti gocha isaanittif itti gaafatamummaa akka fudhatan akkasumas Waaqayyoodhaaf deebii laatuu (34:17, Fakke 24:12, Lalaba 12:14, Ermiya 17:10, 32:19, Maati 16:27, 25:31-46, Roome 2:6, 14:12, 1 Qoro 3:8, Galaa 6:7-10, 2 Ximoo 4:14, 1 Pheexi 1:17, Mul'ata 2:23, 20:12, 22:12). Amantootni illee waa'ee jireenya isaaniif tajaajila isaanii Kristoosif deebii laatuu (jechun "yaadannoo macaafa"). Amantootni hojiidhaan in fayyine, haa ta'uu malee hojiidhaaf fayyaniiruu (Efe 2:8-10, Yaaqoobii fi 1 Yohannis). Mata dree addaa: birmadummaan kiristaanummaa bukkee isaatiin itti gaaatamummaan kan kiristanaa 1 Qoro 10:23 irratti ilaali.

## II Qorontos 5:11-15

**[11]Kanaafis nuyi goofticha sodaachuun maal akka ta'e beeknee, namoonni kana tole jedhani akka fudhatan in goona. Nuyii maal akka taanee immoo Waaqayyo duratti beekamaa dha; yaada garaa keessanittis beekama akka ta'ees nan abda dha*. [12]Nuyi lama deebinee isinitti of dhi'eeffachuudhaaf miti; nuun akka of jajaniif sababii isiniis in kennina; yoos warra keessa isaanitiin utuu hin ta'in waan duubaan mul'atuuf of jajaniif deebii duubaan kennuufi in dandeessu*. [13]Nuyii yoo qalbi dabarsinee, Waaqayyoof qalbii dabarsinee qalbiin keenya guutuu yoo ta'ee immoo isiniif qalbiin keenya guutuu ta'a. [14]Namni tokkoo hundumaaf akka du'ee, kanaanis namoonni hundunuu du'uu isaanii amannee waan fudhanneef, jaalallii Kristos nu qaba*. [15]Egaa warri jiraatan si'achi isa isaaniif jedhee du'ee, du'aa kaafameef malee, ofii isaaniitiif akkka hin jiraannetti, inni hundumaaf du'eera*.**

**5:11 "Sodaa gooftaa"** gaaleen marcumaa murtii Kristoosii wajjin adeema lakk. 10 irratti kan heerame irraa. Ulfinnaa fi soda qaba Hoji ergamoota 5:11, 9:31 biyya lfaatti murteessaa kan ta'ee (Ibiro 10:31, 12:29, Yihuuda 22-23)! Amantootni jireenya gaarii akka jiraataniif wangeela akka hirmaataan in jajjaabeefamuu, tokkon tokkon isaanii Waaqayyoof deebii akka laataan beekuudhaan.

"Gooftaa" maqaan jedhuu Yaahiwwee yookaan Yesusiin argisiisu danda'a. "Sodaa gooftaa" gaaleen jedhuu saptuwaajeentiidhaan kan baratameedha, yaahiwwee argisiisaa. Ta'uus, inni immoo Kakuu Haaraatti kan baratamee dha, waamicha Yesusiif. Murtiin kan ta'uuf yaahiwweedhaaf haa ta'uu malee inni ilma isaa foon ufatee ramadeera.

▣ **"Namoota in boojina"** qabiyyee barreefamaatiin kun kan argisiisuu saba adda ba'ee baay'ee dha

1. Kan in amaniin (lakk.10)
2. Barsisoota sobduu (lakk. 12)
3. Amantoota dadhaboo (lakk.11-12)

Tajaajillii Phaawulos ergama isa guddaa raawwateera lamaanuutiin abbaa wangeelummaatiin (Maati 28:19) fi akkasumas immoo bakka bu'ummaadhaa fi (Maati 28:20).

▣ **"Waaqayyotti kan mul'aneedha"** kun kan xumuramee hojii irra oolee kan argisiisuu dha Phaawulos ifatti cimsa kan itti laatuu Waaqayyoo guutuu guutuuttii fi walumaa galatti yaada laphee isaa akka beekuu dha (4:2). 2:14 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Sammuu keessanif immoo kan beekamnee dha"** kun kan xumuramee hojii irra kan oolee kan imn murtoofnee dha. Phaawulos yaada isa duraa in deebisa 4:2 irratti kan ibse. Isaanii wajjini tajaajillii jiru raawwate ifaa dhaa fi kan amanamee ture. Phaawulos waldaa kiristaanaa kanaa tajaajila isaa yaadaa isaa fi gocha isaa akka hubataniif in barbaadaa ture, karaa ifa ta'een Waaqayyoo akka isaan beeku.

▣ **"Sammuu"** 1:2 irratti kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

**5:12 "Mataa keenya galateefachuuf"** 3:1 irra kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

▣ **"Bifaan malee lapheedhaan kan ofi hin jajnee deebii isin deebiftaniif akka qabataan"** yaada tajaajilaatiif tooftaan isa guddaan wantoota! Walummaa galatti Phaawulos kan isaa geggeesitoota kan biroodhaa wajjin wal dorgomsiiseera, waldaa kiristaanaa Qorontosiitt (4:2 fi 1 Qoro 10:3-15) geggeesitootni tokko tokkoo taayitaa qofaaf turan, yaada dhimma baasuu utuu in qabaatiin.

▣ **"Of jaja…of jajaa"** isaan lamaan kun *kauchēma* jecha jedhu irraati. Of jaji sirri ta'ee qaba (jechuun, waldaan kiristaanaa Phaawulosiin yeroo of jajuu) akkasummas of jaji sirrii in taanee (jechuun, barsisoota sobduudhaan of jajuu). 1 Qoro 5:6 irratti mata duree addaa ilaali.

▣ **"Bifa"** 1:11 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

**5:13 "Akka…akka"** isaan kun lamanuu ramaddii tokkoo hima haalaati, isaanis yaada barreessaa yookaan kan isaa faayidaa barreeffamaatiin sirriidha jedhamee kan yaadamu.

▣

**NASB, NKJV**

**NRSV "Mataa keenya immoo"**

**TEV "Dhugumaatti goowoota"**

**NJB "Sababa malee"**

Jechi Girikii kun "dhaabachuu" (*histēmi* mata duree addaa 1 Qoro 15:1ilaali) "kan ba'ee" waliinga jedhuu irraa (ek) wajjin. Innis fayyadama irra kan ooluu B

1. Jajuu (Maati 12:23, Maari 5:42)
2. Soda (Maari 6:28,Luqaa 5:26)
3. Raata'uu (Hoji.erga 10:10, 11:5, 22:17)
4. Miira dhabuu yookaan of waalaluu (Maari 3:21, 2 Qoro 5:13)

Phaawulos sirritti eenyuun akka argisiisuu beekuu7n rakkisaa dha. Ibsi baay'een isa kan wajjin deemsisaan 11:1, 16 12:11 wajji dha. Ta'us jechi adda ta'ee fayyadama irra ooleera: "Gowwaa" boqonnaa kanaan Phaawulos kan inni wal dorgomsiisuu shaakala kan hafuuraa isaatiis dandeetii isaa kan nama hawatuu barsiisoota sobduu wajjiini dha. Kun ta'uu kan danda'uu barsisootni sobduun yaada Phaawulosiif heeranii dha.

▣ **"Warra sammuu yoo taanees isiniif"** Phaawulos dhugumatti hafuuraan gammachuu yeroo fudhatu ture (Hoji. Erg. 9, 1 Qoro 14:5, 18, 2 Qoro 12), haa ta'uu malee tajaajilaaf kan inni qabuu fi wangeellii inni dhi'eessuu qulqulluu kan ta'ee fi kan itti yaadamuu ture, obboollonni inni tajaajiluu seera aadaa daandii isaa kan eegaatee (1 Qoro 9:19:23).

**5:14 "Waa'ee jaalala Kristos"** haala seer-lugaatiin kun ta'uu kan inni ta'uu tokkos "Kristoos jaalala inni nuuf qabuu" (jechuun, abbaa manaa kan ibsuu yookaan "jaalalli keenya Kristoosiif" (ibsa wal harkisaa). Qabiyyee barreefama kanaatiin l;akk.1 fillannoo faaya'ee dha.

▣

**NASB, "In to'ata"**

**NKJV "In murteessa"**

**NRSV** **"dhibbaa irratti godha"**
**TEV** **"In bita"**
**NJB** **"irra dhangalaasa"**

Jechi kun hiikii isaa "walii wajjin jabeessani qabuu" dha. Jaalallii fillannoo keenyaatiif gocha murteessa. Uumamani wangeelaa gocha sirri ta'eetu dirqamsiisa, dhimma kana irratti dirqamatti fedhiidhaaf tooftaa jireenyaatiin du'uu.

▣ **"Tokko hundumaatiif du'ee"** wali galii jaalallii Waaqayyoo Kristoosin mul'atee, innis Yihudootaa fi ormootaaf akka du'ee (Efe 2:11-3:13). Namooti hundumtuu Kristosiin carraa fayyinaa qabu (lakk. 19, Yohaa 3:16-18, 4:42, Roomee 5:18, 1 Xiimoo 2:4, 2 Pheexi 3:9, 1 Yohanni 22:2, 4:14). Lakk. 14-15 walitti dhufeenya wal bukkeetti. Kan Kristoos dhiifama fiixaan ba'uumsaa (Isaayaas 53) yeroo sadii heerameera. Dhugaa wal fakkaataan kun Roomee 5L:12-21 irratti heerameera. Inni yeroo hundumaa kan Addaami ramaddii Kristoos jedhamee waamama a(1 Qoro 15).

▣ **"Waan ta'ees hundumtuu du'an"** haalaa xin-waaqummaa tiin amantootni cuuphaadhaan du'a Kristoosii wajjin walitti dhufu. Du'ii isaa dhiifamaa fi jireenya bara baraa nuuf kenna (Roome 6).

Du'a isaatiin akka beekame hundumaa akkasumas immoo isaan kan birootiif kan ta'ee jireenya aarsaatiin in beekama (1 Yoha 3:16). Dhuunfummaan, mata ofii giddu galleessa kan godhatee jireenya amantoota dhiigaan bitamaniif sirri miti (lakk. 15).

Synonyms of Old Testament (Kakuu Haaraan wal fakkaatee) Robert B. Girdlestone ibsa gaarii qaba. Isa haaraa kanaan du'a hiikii isaa, amantootaaf.

> "Gooftaan keenya duuka buutoota isaatiif akka qabuu (Maati 16:28), 'as kan dhaabatan gidduu dha du'a kan in arginee tokko tokko in jiraatu, ilmi namaa mootummaa isaatiin yeroo dhufuu hanga arganitti". Jechichis Maariqoos qulqulluu (9:1) bifa biraatiin kennameera 'tokko tokko in jraatu du'a kan in argin, mootummaan ilma namaa humnaan amma dhufutti.' Akkasumas Luqaaf 9:27 ilaali.
>
> Kaayyoon barreefama kanaa kan duuka buutuu yaada isaanii qopheessuudhaaf, dhugaa isa guddaadhaaf, jechuun, du'a hanga ammaatti biyya lafaatiif wanti sodaachiisaan kan ta'ee isaaniif, jechuun gooftaa wajjin mataa isaanii kan wali galchan humna waransa isaa akka dhabu. Kiristoos mataan isaa du'eera, innis fidaa du'aa fi rakkina fudhateera, lubbuun isaa haga du'uutti baay'ee gadeera, akkasumas soda du'aatiin bara jireenya isaanii garbummaadhaan kan qabaman bilisa baasuudhaaf. Akkasumas inni haaraa kan jireenyaatii fi kan du'aa ilaalcha beeksiiseera, ergamoota isaatti itti himuudhaan innis gooftaa gannuudhaan lubbuu isaa fayyisuu kan yaaluu akka dhabuu, bukkee isaatiin immoo gooftaadhaaf jedhee lubbuu isaa dhabuudhaaf kan hiyamee akka oolchuu. Gooftaan guyyaa isa guddatti itti qanaa'aa, haa ta'uu malee kan biraaatiif dhugaa ba'aa.
>
> Seensa gara jireenya haaraaatti inni kara Klristoositti amanuu kan ta'uu, du'a bifa biraatiin kan inni hammatu. Innis uumama namaa tooftaa moofaa fi geggeessuu argamuu kutuu dha, ibsa biraatiin cubbuuf du'uu dha. Yeroo du'a fooniitti akka ta'uu, qaamni miiraa isaa dhaba, lapheenis rukkutaa isaa harkiis hojii isaanii millis deemsa isaa waan ta'eesf dhoksaa du'aa kanaan, qaamaa fi kutaan qaamaa hundumtuu tajaajilaa cubbuu kana booda in ta'an, wal fakkaataa kan ta'ee boochoon immoo in jiraaata, kiristaanaa fi cubbuu gidduu, akkuma nama du'ee fi nama jiraata gidduutti kan ta'ee hundumaa, dursee akka itti jiraatuuf akka itti deddeebi'uu akkasumas jireenya akka qabu ture du'ii kun kan wajjin adeemuu fannifamuu Kristoos wajjin, 'cubbuudhaaf kan du'ee' amanaan kan cuuphamee du'aa Kristoosiif du'aa Kristoosi wajjin wali galeerra Kristoosii wajjin fannifameera (Roomee 6:5, 2 Qoro :14, Galaa 2:19, 20, Qolaa 2:20, 3:3)" (fuula 285, 286).

5:15 Lakk. 14 wal cina kan ibsuu dha. Kun dhugaa baay'ee baay'ee fayyaduu dha. Fayyinni bilisa, haa ta'uu malee jireenyi Kristoosiin fakkaachuu hundumaa gatii baasiisa, kan taanee fi kan qabnuu (Galaa 2:20)!

▣

**NASB, NKJV** **"Lamafata ka'eera"**
**NRSV, TEV**
**NJB** **"Ka'eera"**

Kun gocha hojii irra oolee keeyata Boozi bakka bu'aa in mullane wajjin. Kakuu Haaraan yeroo hundumaa hojii fayyisuu wajjin qaama sadan tokkoof qaama hundumaaf laata.

1. Waaqayyoo abbaan Yesusiin kaasee (Hoji erg 2:24, 3:15, 4:10, 5:30, 10:40, 13:30, 33, 34, 37, 17:31, Roome 6:4, 9, 8:11, 10:9, 1 Qoro 6:14, 2 Qoro 4:14, Galaa 1:1, Efe 1:20, Qolaa 2:12, 1 Tesoo 1:10)
2. Waaqayyo ilmi ofi isaan ka'ee (Yohaa 2:19-22, 10:17-18)

3. Waaqaayyoo hafuura qulqulluun Yesusiin kaasee (Roome 8:11).

## II Qorontos 5:16-19

**[16]Egaa nuyi ammaa jalqabnee, eenyuun illee akka alaan ilaalamuutti hedanna miti; KLristosin iyyuu akka alaan ilaalamutti hedanne yoo ta'e, si'achi akkasitti isa hin hedannu. [17]Kanaafis namani kan Kristos yoo ta'e, uumama haaraa dha; inni moofaan darbe, kunoo inni haaraan dhufeera*. [18]Kun hundumtuu Waaqayyo isa karaa Kristos ofitti nu araarse biraa ta'e; inni hojii araarsuu isaa kanas namootatti akka dabarsinuuf nuuf kenne*. [19]Kuns, Waaqayyo irra-daddarbaa namootaa itti lakkaa'uu dhiisee, karaa Kristos biyya lafaa oftti araarse jechuu dha; ergaa araara isaa kana immoo hadaraa nutty kenne*.**

**5:16 "Kanaafiis kana boodee"** jireenya Kristoosiif du'a bara haaraa eebbiseera. Wanti hundumtuu ifa isaatiin waan addaati (Galaa 3:28, Qolaa 3:11).

▣

**NASB "Eenyu iyyuu fooniin akka ta'uu in beeknu"**
**NKJV "Eenyu iyyuu fooniin akka ta'uu in lakkoofne"**
**NRSV "Eenyuun iyyuu ilaalcha namaatiin in lakkoofne"**
**TEV "amma booda, in murteesine"**
**NJB "Ejjennoo nama kamii iyyuu akka ta'eetti in hubannee"**

Kun argisiisuu kan danda'auu 1 Samuu. 16:7, Isaa 11:3, Yohaa 7:24 8:15. Yesusi madaallii hundumaa naannoo isaa jijjireera. Safartuun namaa hamma murtiidhaaf gahaa kan in taanee galumsa (Roomee 3:22, 1 Qoro 15:13 Galaa 3:28, Qola 3:11). Kristoos akka nu jijjiruu beekuu (lakk. 17).

Kun callaqisiisuu kan danda'uu tokko tokkoo waldaa kiristaanaa qorontos keessatti Phaawulosiin wangeelaa isaa, tajaajila isaa, madaaluudhaaf, waan barbaadaniif ture (boqonnaa 4:11 fi 12).

Kun ta'uu kan hin dandeenyeedha Phaawulos abbaa seenaa Yesusiin kan ilaalaatee akka hin fayyadneetti yookaan caalmaatti Kristoos ulfina qabeessaa wajjin faallaa isaati. Phaawulos jireenya Yesus lafa irraa, barumsa, fi gocha oolchuu (jechuun, fannoo, "du'aa ka'uu", yeroo hundumaa heera. Phaawulos (jechuun, akka foonitti beekuu). Oolchuu, amantootni jireenya hundumaaf seenaa Kristoos isa haaraa giddu galleessa kan godhate ifa akka ilaalan iyyameeraaf. Seenaan namaa gara seenaa fayyinaatti jijjirameera. Namichis Yesus Masihii ta'eera, abdiin kan galamee. Jireeni isaa fi barsiisii isaa liqimsfamuu sagallee qulqulluu ta'eera. Seenaan Israa'eel dirqamatti hiikamuu kan qabuu ifa isaatiin!

"Fooniif" mata duree addaa 1 Qoro 1:26 irratti ilaali.

**5:17 "Akka"** kunnis kan biraa ramaddii tokkoo hima haalaatti lakk.13 fi 16 irratti akka jiranitti.

▣ **"Kristoosiin"** kun isa tokko dubbii haalaa jaallatamaa Phaawulos kiristaana ibsuudhaaf. Innis kan dubbatuu nuyii Kristoosiin ejjennoo qabnuu dha.

▣

**NASB "Uumama haaraa"**
**NKJV, NRSV**
**NJB, NIV "Uumama haaraa"**
**TEV "Argamuu haaraa"**

Phaawulos immoo uumama dubbii haalaa namaa godheera, Roome 8:18-25. Inni amala namaa uumama haaraa bara haaraa, bara hafuuraa 2 Qoro 5:17 fi Galaa 615 irratti argisiisa. Amantootni akka lammii bara haaraatti jiraachuutu irraa eegama (Room 6:4).

## Mata duree addaa: *KTISIS*

KTISIS, jechi jedhuu Kakuu Haaraatti miira adda addaatiin fayyadama irra oola. Hundeen jechaa LOUW fi NIDA kan itti danbaluu yaada tarreessa.

1. Uumama (gocha uumamau), Maar 13:19, Roome 1:20-22, Efe 3:9
2. Kan uumamaa fi uumama (jireenya isaa wajjiniin kan uumamee, Maai10:6, Roome 1:25, 8:39, Qolaa 1:15, 23).
3. Universi (kan uumamee hundumaa, Maari 13:19, Roomee 8:20, Ibiroota 9:11)
4. Dhaabbata (1 Phaaxi 2:13, lakk. 42, 39)

5. Taayitaa (1 Phaaxi 2:13, lakk. 37, 47)
Phaawulos immoo uumama dubbii haalaa namaa godha, Roomee 8:18-25 irratti. Inni kan amala Waaqayyoo uumama haaraa, bara haaraa, bara hafuuraa, 2 Qoro 5:17 fi Galaa 6:15 irratti argisiisa. Amantooni akka lammii bara haaraatti jiraachuutu irraa eegama (Roomee 6:4)

▣ "Wantii moofaan darbeeraa hootii, egaa, wantootni haaraan dhufaniiru" kan gochamaa kan yeroo isaa ta'ii jedhee akka jijjiraman hubadhu.

1. "Wantootni moofaan darbeera hooti" kun gochama gochaati, haala argisiisuun, yeroo hundumaa kan inni argisiisuu kan yeroo darbee kan ta'ee gocha xumuramee dha. Kun kan argisiisuu jijjiramuu (dhaloota lama dha).
2. "Wantootni haaraan dhufaniiruu hoo" kun kan yeroo xumurameeti innis kan yeroo darbee kan ta'ee gocha xumuramee kan argisiisuu, bu'aa jiraataniii wajjin. Kun kan argisiisuu duuka bu'ummaa dha.

Barreefamni Girikii garagarummaa qaba "wantoota hundumaa" kan callaqisiisuu, gaalee dhumaa irratt (jechuun, MS, D2). Kana kan fakkaataan ibsi dabalataa barreefama boodaa irratti kan baratamee dha. Barreefamni Girikii durii (jechuun, MSS p46, a. B, C, D, F, G) *kaina* dhaan kan in fixuu. UBS4 dubbifama kanaaf "A" sadarkaa laataa (beekamaa).

Kun "haaraa" yaad-rimeen Kakuu Moofaa kan ta'ee eschaton kutaa dha. Raajoonnii Kakuu Moofaa waa'ee bara haaraa kana dubbataniiru.

1. "Wantoota haaraa" (Isaa 42:9, 43:19, Ermi 31:22)
2. "Kakuu Haaraa" (Ermi 31:31-34,)
3. "Laphee haaraa, hafuura haaraa" (Isqe 11:19, 18:31, 36:26)
4. "Maqaa haaraa" (Isaayaas 62:2, 56:5, 65:15)
5. "Faarfannaa haaraa" (Faarn 96:1, Isaaya 42:10)
6. "Samii haaraadhaa fi ardii haaraa" (Isaa 65:17, 66:22)

Kun kan raawwaataa kan ta'ee kan haarummaa Yesusiin dhufeera, haa ta'uu malee Addaam moofaan amma iyyuu jira. Isa haaraa guutu guutuutti in gonfanne. Kan Yihudii "baroota lama" wal irra ooluu (mata duree addaa 1 Qoro 1:20 ilaali). Dhufaatti Yesus lamaan raajoota Kakuu Haaraatiin utuu in yaadamiin kan ta'aanii dha, ammam illee Masihicha akka tajaajila gadi of deebisaatti jedhees akka abbaa mo'ichaa mootii godhee yoo ibsamees.

**5:18 "Egaa wantootni kun hundumtuu Waaqayyoo irraati"** jaalala Waaqayyooti ilma gara biyya lafaatti kan erge (Yohaa 3:16). Fayyinni guutuu guutuutti Waaqayyoo irratti (mata duree addaa 8:16-17, Yohaa 6:44, 65, Efe 1:4, 2:8-9), haa ta'uu malee amantootni dirqamatti deebbii kenuutu irra jiraata akkuma deebii isaanitti itti fufu qabu, Kakuu Haaraadhaaf qalbi jijjiranaadhaan amantiidhaan, aboomamuudhaanii fi gara kuteenyaan.

▣ **"Araarsuu"** kun dhugaa xin-waaqummaa isa guddaati. Jechichi hiikii isaa jijjijjiruu yookaan jijjiruu dha, fi jedhees wantoota adda addaa gar tokkotti fiduu dha. Namooti hamootti karaa Kristoos deebi'anii gara tokkummaa Waaqayyooti dhufaniiru. Waaqayyo tola Kristoos jijjiireera (lakk. 21) cubbuu isaaniinitiif. Kristoos bakka keenya du'eera (lakk. 14, 21).

Qabiyyeen barreefama kanaa ( jechuun, lakk. 16-21) fi Roomee 5:10-11 dubbifama murtaa'aanii dha, jecha xin-waaqummaa kanaan. Cubbamootni amma firoota, caaladhumatti maatii, isa ququlluu wajjin. Kuufaatiidhaan badee kan turee tokkummaan deebi'ee (Uumam 3) Kristoosiin raawwateera.

"araaramuu" ibsa, akka yaad-rimee xin-waaqummaa tii Frank Stagg's New Testament Theology (xin-waaqummaa Kakuu Haaraa fuula 102-104, 142 irratti jira.

▣ **"Nuufis tajaajila araarsuu kennee"** haala xin-waaqummaa tiin kun lakk. 14-15 wajjin wal bukkee dha. Yesus kana araaramuu amantootaa ta'e, amma isaan dirqamatti gochuu kan qaban wangeela araarsuu kan biraatiif hiruu dha.amantootni du'a Yesus irmaataaniruu, fi nuyiis tajaajila isaa in hirmaana (lakk. 19). Tajaajila galma Kristoosiin fakkaachuuti (1 Yoha 3:16). Mata duree addaa tajaajilaa geggeessummaa 1 Qoro 4:1 irratti ilaali.

**5:19 "Waaqayyo Kristoosin ta'ee"** kunni dhimma guyddaa kiristaanummaati. Waaqayyoo (jechuun, Waaqayyoo kan Kakuu Moofaa Yaaahiwwee), Yesus nama Naazireeti biyya lafaa mataa isaa wajjin araarsaa ture (Galaa 1:3-4)? Akkas yoo ta'ee, kiristaanummaan dhugaa dha, ta'uu yoo baatee inni soba. Yesus dhugummaa guutummaa Waaqayyootii (Yohani 1:1-14, Qolaa 1:15-16, Filli 2:6-11, Ibiroorta 1:2-3)? Inni dhugumatti qophaa isaa kan araarsuutii fi karaa dhiifamaati (Yoha 14:6)? Yoo ta'ee, egaa wangeellii namooti dhaga'uu kan qaban

baay'ee faayidaa kan qabuu hodeefannoo dha! Dhugaa isaa dubbachuutu nurra jiraataa, wangeela lalabuutuu nurra jiraata, Yesusiin ol qabuutuu nurra jiraataa fayyina bilisaa biyya lafaa badee fi kennutu nurra jiraata.

▣ **"Biyya lafaa"** Waaqayyoo biyya lafaa in jaallata (Yoha 3:16). Biyyi lafaa fayyuu danda'a (1 Xiimoo 2:4, 2 Pheexi 3:9) mata duree addaa, kan Phaawulos kaosmos fayyadama 1 Qoro 3:21b – 22 ilaali.

▣ **"Irra dadarba isaanii itti in lakkaa'uu turee** kun argisiisuu kan danda'uu Faarf. 32:2 dha innis Roomee 4:6-8 irratti kan heerame. Seera dura cubbuun nama irratti in hojjetu ture (Room 4:15, 5:13-14, Hoji.erga 17:30). Haa ta'uu malee barreefami kun caalaatti dhugaa guddaa qaba. Kan beekamee bifa hameenya namootaatiin, Kristoosiin dhiifamni jira. Dhiigii Yesusu Kristoos cubbuu hundumaatti nama qulleessa! Cubbuun kana boodee Waaqayyoodhaaf mucaa namaa gidduu gufachiisaa in ta'u, haa ta'uu malee amma inni

1. Amanuu dhiisuu
2. Kristoosiidhaan amantii jiruu fudhachuu dhiisuu
3. Kennaa Waaqayyootii fi deebii kennuu iyyamuu dhiisuu

▣ **"In lakkaa'uu"** jechi kun *logizomai*, innis Phaawulosiin yeroo 34 fayyadama irra kan oolee, haa ta'uu malee galumsa adda addaa lamaan. Inni jalqabaa ilaalamuu kan qabuu 3:5 "hubachuu" dha. Achii kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

Inni lamman "lakkaa'uu" yookaan "fudhachuu" dha. Bifni kun ifatti mul'ata Roome 4:3, 4, 5, 6, 8, 9, 10, 11, 22, 23, 24 fi Galaa 3:6 irratti. Fayyadamni xin-waaqummaa kun kan inni argisiisuu wanta tokkoo nama biraatiin herrega mana baankii kaa'uu.

Waaqayyoo tola Yesus herrega keenya irra kaa'eera (lakk. 21). Akkasumas Waaqayyoo cubbuu herregaa keenya irratti in lakka'uu yookiis in jraatu. Waaqa ajaa'ibsiisaa atamiiti! Fiixaan ba'umsa faayyinaa akkamiitii!

▣ **"Nuu keessas jecha araarsuu kaa'e"** biyyi lafaa badee humna kan hin qabne, balbala Waaqa jaalala hin qabne irra miti haa ta'uu malee miira kan hin qabne, waldaa kiristaanaa in dirqisifamne balbala irra. Ergicha qabna, furtuun mootummaa Waaqayyoo qabna (Maatii 16:19, Mul'ata 1:18, 3:7). Keessa kan buluu hafuura qulqulluu qabna (Room 8:9, 11, 1 Qoro 3:16, 6:19, 2 Xiimoo 1:14). Seera tarree Yesus qabna (Maatii 28:18-20). Maal haa goonu?

## 2 Qorontoos 5:20-21

**[20]Egaa nuyi afaan Kristos taanee ergamneerra; Waaqayyos karaa keenya isin in dhageessifata; "Waaqayyotti araaramaa!" jennee qooda Kristoos taanee isin in kadhanna*. [21]Is a cubbuu tokko illee hin qabne, nuyi karaa isaa qajeelina Waaqayyoo akka argannutti, nuuf jedhee cubbamaa isa godheera*.**

**5:20 "Waa'ee Kristoosiitiif nuyii ergamoota"** "nuyii" fi "isin" lakk.kanaan eenyuufaa argisiisaa jiraa? Phaawulos waa'ee waldatti kiristaanaa dubbachaa jiraa? Akkana yoo ta'ee "nuyii" Phaawulosii fi garee ergamaati kan ta'uu, "isin" akkasumas amantootni Qorontos. Namoonni kunni fayyinni isaan in barbaachiisuu, haa ta'uu malee deebi'anii gara tokkummaatti dhufuutu isaan barbaachiisa.

Phaawulos amantootni ergamoota ta'uutu irra jiraata jechuu dhiisuu isaa hubadhuu, haa ta'uu malee isaan ergamoota. Kanas jecha Yessii wajjin wal fakkaataa dha Maati 5:13-16 kan jiru. Amantootni ashaboodhaa fi ifa. Asitti gaafiin isaa kana. Amantootni bakka bu'oota Kristoositii, haa ta'uu malee ergamoota akkamiti, qoqoodoota, munaafaqaa, jaalala kan hin qabne k.k. f..?

▣ **"In kadhana"** 1:4-11 kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

▣ **"Waaqayyoo wajjin araaramaa"** kun xiyaafaataa hojii irra oolee ammaati. Kunni ajajii isaa namoota badanii fi yookaas namoota fayyaniif? Qabiyyeen barreefamaa baay'een kan inni laatuu karaa amantootaatiin sirrii kan ta'ee tooftaa jireenyaa akka qabaatuu dha. Yesus cubbuu fi walitti bu'iinsa irra nu fayyiseera, kan fayyineef akka tajaajiluuf! Kan waamamneef kiristoosiin fakkachuuf tajaajilaaf malee kaayyoo dhuunfaaf miti.

Kun qabiyyeen barreefama kanaa kan badeef, biyya lafaa rakkaataaf ergaa qaba- Kristoos siif du'eera (kan ejjennoo tolaa). Qabiyyeen barreefama kana ishee qoqodamtee, waldaa in jaallane ergaa qaba –Kristoos isiiniif du'eera (tola itti fufeenya qabu).

Keeyaati hojii irra oolee hiikamuu kan danda'amuu "Waaqayyoo mataa isaa wajjin walitti isiin haa araarsuu" kan jedhuu dha "mataa keessan araaraaf hiyamaa" (The Jerome Biblical commentery fuula 281) yookaan "Waaqayyoo dinummaa irraa gara firummaatti isiin haa jijjiruu (TEV) amantootni dhugaa labsuu,

hafuurri qulqulluun kan badan ceepha'aa ilmii karaa laata, akkasumas abbaan karaa deebii kakuutiin fedha isaa raawwata.

5:21 Barreefamni kun dhugaa gurguddaa baay'ee qabu.

1. Waaqayyoo Yesusiin ergee, nuuf akka du'uu (Yoha 3:16). Yesus nuuf du'aadhaaf du'ee (Maari 10:45)
2. Yesus cubbuu tokkoo iyyuu hin beekuu (Yohaa 8:46, Ibi 4:15, 7:26, 1 Pheexi 1:19, 2:22, 1 Yoha 3:5).
3. Tola nama dhuunfaati, Kristosiin fakkaachuun tajaajilu (Roome 8:28-29, 2 Qoro 3:18, Galaa 4:19, Efe 1:4, 1 Teso 3:13, 4:3, 1 Pheexi 1:15). Ta'us yaadannoo dheerate qaba (haala wal bukkee). Amantootni hundumtuu fayyisuu Waaqayyoo kaayyoo wali galaa guutuu guutuutti in hubatani. Inni tajaajilaaf waamamuu dha, waamicha mata ofii ganuu, waamicha qulqullummaa. Kiristaanummaan kan jalqabuu tokko Kristoositti yeroo amanu nqoafa. Amantiin kan deemsa dheeraa kan sadarkaa jalqabaa qofa.

▣

**NASB** **"Bakka keenya cubbuu ta'ee"**
**NKJV** **"Waa'ee keenyaaf cubbuu ta'ee"**
**NRSV** **"Cubbuu ta'ee"**
**TEV** **"Cubbuu keeenya fudhatee"**
**NJB** **"Cubbuu kan mo'atee"**

Waaqayyoo Yesusiin akkamitti cubbuu godhee? Kun tarii kan Kakuu Moofaa dubbii haalaa waabii ta'a, cubbuudhaaf aarsaa (Isaayaas 53, Roomee 8:3). Waaqayyoo Yesusiin akka hoolaa cubbuu in qabneeeti dhi'eessa (Yohaa 1:29, 36).

Ani kan natty fakkaatuu jechi yesuus fannoo isaa irraa, "Waaqa koo, maaliif na dhiiftee" ( Maari 15:34), innis Faarf. 22 kan heeree kan inni callaqisiisuus dhugaa kan hafuuraatti, kunnis abbaan Yesus irraa fuula isaa kan naanneesse (jechuun, fakkeenya dukkanaa kan ta'ee, Maari 15:33), cubbuu biyya lafaa akka baatee. Kun haala xin-waaqummaa tiin Galaa 3:13 wajjin wal bukkee dha "waa'ee keenyaafg abaarsa ta'e"!

## Gaaffiillee maree

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Boqonnaan kun kan inni barsiisuu du'aa fi du'aa ka'uu gidduu kan jiru qaama irraa kan adda ba'ee dhaa?
2. Lakk. 10 yaadii wali gala amantootni immoo akka itti murtaa'uu dhaa? Yoo taa'ees, maaliif?
3. Abbummaan wangeelaa Phaawulos yaada lamanuu tarreessi (lakk. 11: 14).
4. Lakk. 14-15tti jireenya kiristaanummaa sirritti hubachuudhaaf maaliif murteessaa akka jedhamee ibsi.

# II Qorontos 6:1-7:1

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Tajaajila araarsuu | Mallattoo tajaajilaa | Tajaajila araasuu isa kan isaa ittisa dabalataa | Karaa Yesus walitti firoomaa Waaqayyoo wajjini | Ergamummaan hojiin |
| (5:11-6:13) | 6:1-10 | (5:11-6:13) | (5:11-6:13) | (5:11-6:10) |
| | Qulqulla'aa | | | |
| 5:11-6:10 | | | 6:3-10 | Akeekkachiisa |
| | 6:11-7:1 | 6:11-13 | 6:11-13 | 6:11-13 |
| 6:11-13 | | Namoota hin amannee wajjin walitti dhufeenya jiru irratti yaada jiru | Akeekkachiisa dhiibbaa waaqolii tolfamoo irratti | |
| Mana qulqullummaa Waaqayyoo | | | | |
| 6:14-7:1 | | 6:14-7:1 | 6:14-7:1 | 6:14-7:1 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**
*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## QABIYYEEE BARREEFAMAA

A Kan boqonnaa kanaa lakk.1 boqonnaa guutuu hiikuudhaaf murteessa dha. Qabiyyeen barreefama isaatti kan itti dabalatuu amantoota Qorontos, kanaafis, amantaa isaani kan dhiisan in dabalatu (mata duree addaa 1 Qoro 6:9 ilaali), haa ta'uu malee jireenyi Kristaanummaa akka ta'utti jiraachuu warra hin dandeenyee dha.

B Lakk.4 jalqabee walitti fufiinsaan walingii in argamu.

1. *en* kallattiin kan hin taanee abbaa gochamaa, yeroo 18 lakk.4-7 irratti
2. *Dia*a bbaa kan argisiisuu, yeroo sadii lakk.7-8
3. *Hōs* keeyata booz ammaa wajjin, yeroo torba lakk.9-10

Isaan kun kan argisisan kan fakkaataan tajaajila Phaawulos jedheesi rakkina isaati fi dhibbaa isaa, lamaanutiin, keessaniis ta'ee alaan, irra darbees gahaa kan ta'ee ayyaana Waaqayyoo.

C Kan guduunfaa lakk.8-10 Paradoksii (Ayaahoo) ibsuu kan yaalan jireenya Phaawulos, lamaanuutiin, ilaalcha warra ceepha'anitii fi haala ilaalcha Waaqayyootiin.

D Kutaa jaha 14-17:1 qabiyyee barreefamaatii ala kan ta'ee fakkaata. Kan inni kaasuu 6:13 jechaa fi ibsa. Kun kutaan amalaan kan Yihuuditti innis of eegachiisa, aadaa waaqa tolfamaati wajjin walitti dhufeenya cimaa kan qaban ibsuudhaaf. Of eegachiisii Kakuu Moofaa irraa yoomii fi eessati (jechuun

Yihudoonnii fallaa ormootaa yookaan saba Waaqayyo faallaa isaa waaqa tolfamaa kan waaqessan ta'ees, Phaawulos kan itti fayyadamaee1 Qoro 10:14-33 karaa ta'een wal fakkaataa dha. Achitis waaqa tolfamaa kan waaqessaan hirmaan kiristaanootaa kan ibsee dha.

Keeyati kun kan irraa cite kan fakkaatuu 2 Qoro xalayaa Phaawulos baay'ee keessaa, isaanis gara Qorontositti kan ergaman kan wal makeedha kan jedhan, wixinee yaadaa akka baasaan sababa ta'eera.

## QAYYABBANNAA JECHAA FI GAALEE

**II Qorontos 6:1-10**

**[1]Egaa warri nuyii warri Waaqayyoo wajjin hojjennu, ayyaana Waaqayyoo akka waan waa'ee hin**
**baafneetti akka hin fudhanne cimsinee isin in gorsina*. [2]Waaqayyoo, "Yeroo ana biratti jaallatamee**
**fudhatametti siif dhaga'eera; guyyaa fayyinaattis si gargaareera" jedha. Kunoo yeroon jaallatamee**
**fudhatamee ammaa; kunoo, guyyaan fayyinaa amma*! [3]Ergaan keenya maqaa gadhee akka in arganneef**
**nama tokkoo iyyuu matummaa hin gufachiifnu. [4]Haa ta'uu iyuu malee, nuyi karaa hundumaan akka**
**hojjeetoota Waaqayyootti of in dhi'eesina hojjeetoota Waaqayyoo ta'uu keenyaas baay'ee in obsina, in**
**rakkatna, giddiraati mudamatis in gala. [5]In reebamna in hidhamna gooliin nutty kaafama, hojjitti in**
**dadhabna irriba in dhabna in soomna*. [6]Garaa qulqulluudhaan beekumsaanis in hojjena, waliif in**
**dandeenya, garuumaadhaan in jiraatna, hafuura qulqulluttiin in geggeefamna, jaalala amanamaa in**
**argisiifna*. [7]Dubbi isa dhugaadhaan, humna Waaqayyootinis in hojjenna, qajeelina akka mi'a waraanaatti**
**[ittiin hjchuudhaaf] harka mirgaa fi harka bitaatti in qabanna*; [8]ulfinaan salphinaanis, maqaa**
**baduudhaan, maqaa toluudhaanis akka gowwoomsituutti ilaalamuudhaanis, akka goowomsituutti**
**ilaalamuudhaan, dhugaa qabaachuudhaanis in deddeebina*. [9]Utuma beekkamnee jirruu akka warra hin**
**beekaminii taanee; akka warra du'aniitti in lakkaa'amna, nuyi garuu kunoo, in jiraanna! Akka warra**
**adabamanii taane, garuu in ajeefamne. [10]Akka warra gadanitti in ilaalamna, garuu nuyi yeroo hundumaa**
**in garuu nuyii yeroo hundumaa in gammana, akka warra deeganitti in lakaa'amna garuu namoota baay'ee**
**in sooromsina; akka warra homaa hin qabneetti in ilaalamna, garuu waan hundumaa qabna*.**
**[18]Akkkasumas immii, "'Ani abbaa isiniif nan ta'a, isinis ilmaan koo intaloota koos in taatu' jedha gooftaan**
**inni hundumaa danda'u" jedhameera*.**

**6:1 "Isaa wajjin hojjechaa"** kun gocha ammaa keeyata Booziti. Kan taa'ee abbaa in qabu, haa ta'uu malee qabiyyeen barreefamaa isaa "Waaqayyoo wajjin" kan jedhuu argisiisa. (5:20, 1 Qoro 3:9). Phaawulos jechuma kanaa wangeela isaa hidhata hoji isaa ibsuudhaaf itti fayyadameera (1:24, 8:23, 1 Qoro 16:16 Roomee 16:3, 9, 21). Haa ta'uu malee qabiyyeen barreefamaa isaa asitti cimsa kan argisiisu Waaqayyoo dha. Amantootni Waaqayyoo wajjin kan hojjeetan ta'uun isaani akkam yaada sodaachisaa dha (1 Qoro 3:5-9).

▣ **"Nuu immoo isiin yaadachiifna"** Phaawulos gochama wal fakkaataa ta'ee 5:20 irratti fayyadameera. 1:4-11 irratti kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

▣ **"Ayyaana Waaqayyoo akkasumaan akka hin fudhane"** kan gocha in murtaa'initti, innis Kriostosiin kan fudhatan amantoota Qorontos kan argisisuu dha. Haa ta'uu malee "akkasumaan" kan argisiisuu kaayyoo fayyinaatiin, innis mootummaa isaa kan ta'ee ija qabeessummaa akkasumatis fayyina dhuunfaa osoo hin ta'in. Phaawulos jecha kana irra deddeebi'ee fayyada, kan isaa kan eegamuu tajaajila mootummaa ibsuudhaaf (1 Qoro 15:10, 14, 28, Galaa 2:2, Fillii 2:16, 2 Teso 2:1, 3:5). Yaad-rimeen kun Phaawulos irraa "kan adeemsifamuu" fayyadama wajjin wal cina, Efesoon (4:1, 17, 5:2, 15).

**6:2 "Innis jedhee"** Phaawulos dubbifama Kakuu Moofaa in heeera Israa'eelota wajjin kan adeeman, haa ta'uu malee asitti gocha Yihudootaa kan argisiisuu fayyadama (jechuun, jedha), inni kan argisiisuu abdiin faayidaa kan qabuu ta'uu isaa, yeroo hundumaatii fi nama hundumaatiif. Phaawulos luqisii kana kan fayyadamuu Waaqayyoo biraa akka ta'ee gaaffii kallattitiitiin waldaa kiristaanaa Qorontosiif. Qulqulluun sagallee isaa kan yerootiif kan faayidaa qabuu dha.

▣ **"'Yeroo jaallatameetti'"** kun saptuwajentii irraa Isaa 49:8 kan heeramee dha (jechuun, 1 n walaloo tajaajilaa/faarfaannaa), innis Waaqayyo irraa simannaa gaarii fi ga'umsa wajjin kan wal qabatuu (1)Masihii fi (2)hawaasa Masihii. Yeroo baay'ee faallaa falmii qabaata, Isaa 40-53 irratti, kan walitti qabamee (jechuun, lammii Israa'eel) fi yaada keessatis mootii Israa'eel (Masihii giddutti).

▣ **"Yeroo jaallatameeti… sahatti jaallatameetti**" kan jalqabaa Saptuwajeentii irraa Isaa 49:8 irratti kan heeramee dha, *dektos*, fayyadamuudhaan, haa ta'uu malee Phaawulos baay'ee kan cimee boca kan inni fayyadamee (*eurosdektos*, Roome 15:16) raajii kana haala Qorontos irratti hojii irraa yeroo oolu (lakk.2b). Masihiin dhufeera akkasumas Waaqayyoodhan guutuu guutuutti fudhatama kan qabu hafeeraa gara isaanitti dhufeera. Yericha fayyadamuun dirqamatti irra jiraata. Isaan dirqamatti bara dhummaati hawaasa Masihii ta'un irra jiraata.

Guyyaan tokko kan fayyinaa ajaa'ibsiisaa dhugaa dha, haa ta'uu malee isa yeroo hundumaa dhuunfachuun kan danda'amuu ari'atamaa fi haala rakkisaadhaan (6:4-10).

▣

**NASB, NKJV "Egaa"**
**NRSV "Ilaalaa"**
**TEV "Dhageeffadhaa"**
**NJB Gaarii"**

Jechi Gikii kun (gocha) *idou*, dha, innis gara ibsa dhugaati xiyaafannoo waamuudhaaf kan tajaajiluu dha, Phaawulo II Qorontos irratti irra deddeebi'ee fayyadama (5:17, 6:2, 9, 7:11, 12:14).

▣ **"Guyyaa fayyinaa' ammaa"** kun hima isa dhumaati lakk.1 irratti yaada Phaawulositi, Isaayaas irraa kan heerame irratti kun argisiisuu kan danda'uu kan waamicha lamaanuu wangeelaaf deebii akka kennuu, jedhees mootummaa Masihiitiif jireenya tajaajilaati.

**6:3 "Waan tokkoofi illee eenyuuf illee gufuu ta'uu dhiisuu"** kun diribii cimaa al ta'aadha Girikiidhaan. Phaawulos gara kuteesa, lamanuu kan mataa isaa jireenya dhuunfaa fi tajaajila, gufuu tokko illee akka hin jiraane mataa isaatii fi wangeela kan dhaga'aan giddutti (1 Qoro 9:19-23). Inni jireenya isaa kan fayyadamee wantoota lama gonfachuudhaaf (1)isaaniif fakkeenya ta'uudhaan tajaajila isaanitiin akka isa duuka bu'aani (2)komii barsisoota sobduu mormuudhaaf (11:12).

Qophaa isaa "dhagaa gufachiisu" Kristoos mataa isaa ture (1 Qoro 1:18-25). Waangeellii kan tufatamee

1. yihudootaan, rakkina kan fudhatee sababa Mashiitii fi
2. ormootaan sababa du'aa kakuu fooniin
3. barsisoota sobduu Qorontositti, Phaawulosiin dubbii beekaa ta'uu dhiisuu isaa sababa dhi'eenya isaaf.

Sababa jaamsuu seexanaaf (4:4) akkasumas mataa isaa ergaa wangeelaatiin sababa falleessuu, Phaawulos wanta tokko illee gochuudhaaf hin barbaanne, namoonnii lallaba isaa akka hin fudhane gochuudhaaf (1 Qoro 9:19-23, 24-27).

▣

**NASB "Waan ta'eef tjaajilli isaa kan gatii dhabee akka hin taane"**
**NKJV "Waan ta'eef tajaajilli keenya akka hin arabsamneef"**
**NRSV "Waan ta'eef tajaajilli keenya dogogorri akka irratti in argamneef"**
**TEV "Eenyu iyyuu hojii keenya irratti dogogora akka arguuf hin nbarbaanu"**
**NJB "Waan ta'eef mudaan tokko illee hojii tajaajila keenyaan akka wal qabatuuf hin barbaanu"**

"Nuun" jechi jedhuu (NKJB, NRSV, TEV, NJB, NKJV, NRSV, NJB,) barreefama Girikii miti, innis keeyata murtaa'ee kan qabuu, "tajaajila". Lakk.kun haala xin-waaqummaa tiin kan wajjin deemuu 1 Ximoo 3:2-10 wajjini dha, innis tajaajilootaa ceepha'uu kan danda'uu mudaan tokko illee akka irratti hin argamne kan cimsuu dha. Amantootni kan itti jiraatanii fi kan tajaajilaani misooma mootummaa Masihiiti fi guddummaa dhuunfaa yookaan kaayyoo dhuunfaaf oso hin ta'in (1 Qoro 9:12). Mata duree addaa geggeesuu tajaajiklaa 1 Qoro 4:1 irratti ilaali.

**6:4-7** jechi wal duraa duubaa kun walingaa Girikitiin *en* kan beekamuu godha. Innis yeroo 18 cimsaa fi kan irra deddebi'uu tarreefamni baay'een barreefama Phaawulus keessatti argama, rakkina isa mudatee kan ilaalate (1 Qoro 4:9-13, 2 Qoro 7:5, 11:23-29). Inni kan inni heere kan amanaman jajjabeessuu fi gaafii barsiisota sobduu kufisuuf. Mata duree addaa kan Kakuu Moofaa hamaa fi gaarii 1 Qoro 5:9.

# *EN wajjin gaalee Griikii*

| | **NASB** | **NKJV** | **NRSV** | **TEV** | **NJB** |
|---|---|---|---|---|---|
| lakk 4, *hupomonē* | obsa baayyeen | obsa baayyeen | Jabina guddaan | obsa baayyeen | Jabaatanii cimuu |
| Lakk 4, *thliphis* | muddama | gidiraalee | muddama | rakkoolee | rakkoolee |
| Lakk 4, *anagkē* | Rakkoolee | rakkoolee | gidiraalee | gidiraalee | rakkisoo |
| Lakk 4, *stenochōria* | dhiphina | dhiphina | balleessaa | rakkisaa | Dhiphinaa |
| Laka. 5, *plēgē* | rukuttaawwan | reebicha | rukutama | rukuttaa | reebicha |
| Lakk . 5, *phulakē* | hidhaa | hidhaa | hidhaa | hidhaamuu | Wayniitti gatamuu |
| Lakk . 5, *akatastasia* | jeeqama | jeeqama | fincila | jeeqama | jeeqama |
| Lakk . 5, *kopos* | dadhabbii | dadhabbii | dadhabbii | dadhabbuu | dadhabbuudhaan |
| Lakk . 5, *agrupnia* | Irriba dhabuu | Irriba dhabuu | halkan irriba dhabuu | Irriba malee | Irriba dhabuu |
| Lakk . 5, *nēsteia* | Beela | Soomii | Beela | Nyaata malee | Beela'uudhaan |
| Lakk . 6, *hagnotēs* | Qulqullina | Qulqullina | Qulqullina | Qulqullina | Qulqullina |
| Lakk . 6, *gnōsis* | Beekumsa | Beekumsa | Beekumsa | Beekumsa | Beekumsa |
| Lakk . 6, *makrothumia* | obsa | obsuu | obsa | obsa | obsa |
| Lakk 6, *chrēstotēs* | Gaarummaa | Gaarummaa | Gaarummaa | Gaarummaa | Gaarummaa |
| Lakk . 6, *pneumati Hagiō* | Hafuura Qulqulluu | Hafuura Qulqulluu | qulqullina hafuuraa | Hafuura Qulqulluu | Hafuura Qulqulluu |

| | **NASB** | **NKJV** | **NRSV** | **TEV** | **NJB** |
|---|---|---|---|---|---|
| Lakk 6 *agati' Anuplkritō* | Jaalala dhugaa | Jaalala dhugaa | Jaalala dhugaa | Jaalala dhugaa | Jaalala dhugaa |
| Lakk 7 *logō aletheias* | Sagalee dhugaa | Sagalee dhugaa | haasaa dhugaa | Ergaa dhugaa | Sagalee dhugaa |
| Lakk 7 *dunamei theou* | Humna Waaqayyoo | Humna Waaqayyoo | Humna Waaqayyoo | Humna Waaqayyoo | Humna Waaqayyoo |

**6:4 "Haa ta'uu malee hundumaan akka tajaajilootaa Waaqayyootti mataa keenya in qabna)** isa kana dhimmi isaa. Kana hiikii isaa, "akkasumaan" kan jedhuu gaaleen, lakk.1. Phaawulos tajaajila mootummaa dursummaa isaa cimseera. Amantootni hundumtuu abbaa kennaati (1 Qoro 12:7, 11) tajaajiloonni (Efe 4:12) wangeellii lamanuu qaba, xiyaafannoo kan dhuunfaa (fayyina kan dhuunfaa fi xiyaafannoo guduunfaa (jechuun, kan labsii wangeelaatii fi kan tajaajila wangeelaa, 1 Qoro 12:7). Mata duree addaa geggeesummaa tajaajilaa 1 Qoro 4:1 irratti ilaali.

**6:6 "qul;qullummaan"** kun kan argisiisuu (1)hundeen hiika jecha kanaa, kan kaayyoo kallatti yookaan (2)kan safuu Phaawulos, tooftaa namuusa jireenyaa.

▣ **"Obsaan"** jechi kun yeroo hundumaa fayyadama irra kan oolu namootaa wajjin obsa qabaatuu dha, ta'uus inni immoo Kakuu Haaraati amala Waaqayyoo heeruudhaaf faayidaa irra oola (Roome 2:4, 9:22, 2 Pheexi 3:9, 15).

▣ **"Arjummaa"** jechi kun yeroo hundumaa kan hiikamuu "mi'aa kan hafuuraatti" dha. Innis, tokko kan biroo miidhuu irra nan miidhama kan jedhuu haalaa, kan biroo miiraa nagaadhaan simchuu dha mataa ofii irra.

▣ **"Hafuura qulqulluudhaan"** macaafni qulqulluun ingili haaraan kana kan hiikuu akka "kennaa hafuura qulqulluuti" dha. Jerome Biblical commentary "hafuura qulqulluudhaan" kan jedhu qaba (fuula 282). Hiikaa isaa sababni jijjiraniif Phaawulos kan hafuura qulqulluu qaama itti fufeenyaan kan ibsuu jecha giddutti heeruun isaa kan hin baratamne ta'uu dhiisuu isaati. Anni kanin irratti wali galuu inni kan heeruu kan Phaawulos hafuura dhuunfaati, innis kan qulqullummaa, hafuura qulqulluun kan uumamee ta'es kan uumamee, dhimma kana irratti tokko safartuu ta'uu in danda'au Roome 9:1, 14:17, 15:16, 1 Qoro 12:3, 1 Teso 1:5 sababa.

▣ **"Jaalala of arguu dhabuu hin qabne"** gaaleen wal fakkaataan kun Roomee 12:9 fayyadama irra ooleera. Phaawulos wal fakkaataa kan ta'ee maxantuu fayyadameera, amantii ibsuudhaaf 1 Xiimoo 1:5 fi 2 Xiimoo 1:5 irratti. Pheexiroos wal fakkaataa kan ta'ee maxantuu fayyadameera *agapē, philadelphia* wal fakkaataa, 1 Pheexi 1:22 irratti.

**6:7 "Jecha dhugaatiin"** dirqamatti yaadatamuun kan irra jiraatuu jecha kana irratti kan ibirootaa (seenaa duubaa) "dhugaan faallaa isaatiin soba kan jedhuu miti, haa ta'uu malee "amanamummaa fi kan amanamee ta'uu dha, baay'ee dhaa wajjin walitti dhufeenya akka qabu (1 Yoha 8:32, 14:6). Mata duree addaa "dhugaa" barreefama Phaawulos keessatti 2 Qoro 13:8 ilaali.

## *dia* wajjin kan baraman gaalee Griikii

| | NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB | NASB |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Lakk.7*hoplōntēs dikaiosun's* | Meeshaalee tolaatiin | Meeshaalee tolaatiin | Meeshaalee tolaatiin | Tolaa akka meeshaa waraanaatti | Meeshaalee tolaatiin | Meeshaalee tolaatiin |
| Lakk 8 *dozēs kai atimias* | Ulfinaa fi qaanii | Ulfinaa fi qaanii | Ulfinaa fi qaanii | Ulfinachuu fi qaana'uun | Yeroo ulfinaa fi qaanii | Ulfinaa fi qaanii |
| Lakk 8 *dusphēmias kai euphēmias* | Oduu gaarii fi oduu hamaan | Oduu gaarii fi oduu hamaan | Arabsamuu fi galateeffamuun | Yeroo gaarii fi yeroo hamaa | Arrabsoo fi galata | Oduu gaarii fi oduu hamaan |

▣ **"Bitaadhaa fi mirga tola ta'uu meeshaa waraanaa"** kun kan argisiisuu kennaa Waaqayyooti kan lafaa lola hafuuraa ( 2:11, Roome 6:13, Efe 2:2, 4:14, 27, 6:10-18, 1 Pheexi 5:8). Harka mirgaa argisiisuu kan danda'uu hidhannoo meeshaa waraanaa yeroo ta'uu harkii bitaa immoo kan inni argisiisuu kan ofi irraa dhorkuu meeshaa waranaati. Mata duree addaa tola 1 Qoro 1:30 irratti ilaali.

**6:8 "Salphina"** jechi kun fayyadama irra kan oole lammi jiraata mirgaa isaa yeroo dhabuu dha.

## Gaalee Girikii *hōs* kan wal baran

| | NASB | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|---|
| Lakk.8 *planoi kai alētheis* | Akka dogogorsaa fi immoo isa dhugaa | Akkadogogorsuuf garuu isa dhugaa | Akka dogogorsuuf garuu isa dhugaa | Akka dogogorsuu fi garuu dhugaa kan dubbatan | Dogogrsa utuu jedhamanii dhuga qabeesoota |
| Lakk.9, *agnooumenoi kai epigninōskomenoi* | Kan hin beekamne utuu jedhamnuu kan beekamnee dha | Kan hin beekamne utuu jedhamnuu kan beekamnee dha | Kan hin beekamne utuu jedhamnuu kan beekamnee dha | Kan hin beekamne utuu jedhamnuu hundumaan kan beekamnee dha | Kan hin beekamne utuu jedhamnuu bekamtii qabna |
| Lakk.9, *apothnēskontes kai idou zōmen* | Waan duunuu yoo fakkatne kunoo jiraatoo dha | Waan duunuu yoo fakkannee in jiraana | Waan duunuu yoo fakkanee jiraatoo dha | Akka du'aati garuu jiraata dhyoo adabmne illee in ajeefamnua | Waan duunee yoo fakkannee jiraatoo dha |
| Lakk.9 *paideuomenoi* | Kan abdabamne yoo fakkanee hin ajeefamnu | Kan abdabamne yoo fakkanee hin ajeefamnu | Kan abdabamne yoo fakkanee hin ajeefamnu | Yoo reebamne illee in ajeefamnu | Yoo reebamne illee in ajeefamnu |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| *kai mē thanatoumenoi* | | | | | |
| Lakk.10, *lupoumenoi aei de chairontes* | Warra gaddan Yeroo taanu Yeroo hunddumaa nigamanna | Warra gaddan Yeroo taanu Yeroo hunddumaa nigamanna | Warra gaddan Yeroo taanu Yeroo hunddumaa nigamanna | Yoo gaddinne'illee Yeroo hunddumaa nigamanna | Gadda irrattilee yeroo hundumaa gammachuu guutuu qabna |
| Lakk. 10 *ptōchoi pollous de ploutizontes* | Hiyyeesotta yoo taane baayyee sooressa goona | Hiyyeesotta yoo taane baayyee sooressa goona | Hiyyeesotta yoo taane baayyee sooressa goona | Hiyyeesotta yoo fakkaane baayyee sooressa goona | Hiyyeesotta yoo fakkaane baayyee sooressa goona |
| Lakk. 10, *mēden echontes kai pantakatechontes* | Waa tokko kan hinqabne yoo taane hunddumtuu kenya | Waa tokko kan hinqabne yoo taane hunddumtuu kenya | Waa tokko kan hinqabne yoo taane hunddumtuu kenya | Waa tokko kan hinqabne fakkaannee yoo mull'anne dhugumatti hundduma qabna | Waa tokko kan hinqabne yoo taane hunddumtuu kenya |

**6:8-9 "Akkasumasi sichi…sichi"** jechi Giriikii kai qaba, innis yeroo hundumaa hikisaa "kanaaf" dha, hata'u malee barreeefama tokko tokkoon inni jechuu kan danda'uu "akkasumas sichi" dha (Yon 20:29). Qabiyyeen bareefamaa hika akka murteesu yaaddadhu, hundee jechaa osoo hinta'in.

**6:10 "Warra gaddan yeroo taanu yeroo hunddumaa nigamanna"** (Rom 5:3-5, Filmo 2:17-18, 3:1, 4:4, 1 Teso 5:16)

▣ **"Hunddumtuu kankenya"** kun itti fufaa kan ta'e ayaawoo (paaraadokis) kanninnni waliin falleessa jiru ilaalcha biyya lafaatif ilaalcha Waaqayyo dha. Ammanttoon dhaaltuu waan hundumaati, karaa Kiristoosin (Rom 8:17, 32, 1 Qor 3:21).

## II Qorontos: 6:11-13

**11Yaa warra Qorontos, nuyi afaan guunnee isinitti dubbanne, garaan keenyas isiniif bal'aa dha. 12Isintu garaa nuttu dhiphate malee, nuyi garaa isinitti hin dhiphanne. 13Akkuma nuyi garaa isinitti bal'anne isinis immoo garaa nutty bal'adhaa! Jedheen akka ijoollee kootiitti isinitti dubbadha*.**

**6:11** gocham lamaan kan yeroo xumuramaniiti. Phaawulos gutummaa isaati fi dhugaa Wangelaa xumuramee fi yaada waligalasaa Amantoota Qorontos wajjin iftoomina gutuunii amanamummaa hirmaataniiru.

▣ **"Isin yaawarra Qorontos"** kun isa sada kessaa bakka isa tokko dha, barrefama Phaawulos keessaa innis dhunfaa isaa tti waldaa Kiristaanaa ishee adda baateef tesoo ishetiin kan barreeseef (Gal 3:1 Filpho 4:15). Isaan hundumtuu dubbifamnii laphee Ergamootaa cimina isaa agarsisuu.

**6:12**
**NASB, "isin nutti hin dhiphanne"**
**NKJV "Isin nuttii hin dhorkamne"**
**NRSV "Dhorkaan tokko iyyuu in jiru"**
**TEV "Nuyii miti laphee keenya kan cufnee isiniif"**
**NJB "Miira in mijannee tokko illee karaa keenya isin irratti in taane"**

Kan gochamaa bocii maqaa 6:4 fi 12:10 (Roomee 2:9, 8:35) irrattti fayyadama irra ooleera. Inni akkuma jirutti kan innii argisiisuu wanta tokkoo fi yookaan nama tokkoof bakka dhiphaa tokkoo achi siqee taa'uu dha, akkasumas kan dhiphate ta'a. innis haala dubbii haalaatiin "haala rakkisaa" "kan walrige" yookaan "rakkina cimaa" (4:8, 6:12).

▣
**NASB, NKJV**
**NRSV "Namaaf gaduu"**
**TEV "Lapheen keessan cufameera"**
**NJB "Dhiphina"**

Kun kan baratamee dubbii aala Kakuu Haaraati "garaa" kan durii amanaa kan turan garaan gara gadii yookaan qaama guddaa (jechuun, laphee, tiruu, somba) bakka boqonnaa miiraa ture (saptuwajentiin Fakkaenyaa 12:10, 26:22, Ermi 28:13, 51, 2 Maqaab 9:5-6, 4Maqaab 10:8, Baruuk 2:17). Phaawulos dubbii haalaa kana baay'ee fayyadama (2 Qoro 6:12, 7:15, Fillii 1:8, 2:1, Qolaa 3:12, Filii lakk.7, 12, 20).

**6:13**

**NASB, “akkasumas immoo liqii deebiisuu”**
**NKJV “Akkasumas immoo liqii wal fakkaataa deebisuudhaan”**
**NRSB “Liqii isaatiin”**
**NJB “Deebii liqii kara sirriidhaan”**

Gaalee kanaan jechi guddaan kan ta’ee *antimisthia*,, innis *misthos* jechi jedhuu (jechuun, kafaltii bakka buusuu, namni tokkoo kan isaaf ta’uu caalaa kan hundaa’ee dha 1 Qoro 3:8, 14, 9:17-18, 1 Xiimoo 5:18) *anti* kan jedhuu walingii yeroo itti dabalamuu boci kun kan argamuu asitii fi Romee 1:27 irratti qofa.

Jechi kun fayyadama irra kan ooluu bifa ta’uu fi miira al ta’aadhaan qabiyyeen barreefamaa dirqamatti in murteesa. Roomee 1:27 inni alta’aa dha, haa ta’uu malee isaan fayyadama irra kan oolaan kan fakkatuu bifa sirriidhaan Galaa 4:12.

▣ **“Ijoollee koo”** Phaawulos, akka Yohannis, kan isaa immoo kan dhalatan ijoollee koo kan jedhuun kan isaan waamuu (1 Qoro 4:14, 17, Galaa 4:19, 1 Xiimoo 1:2, 18, 2 Xiimoo 1:2, 2:1, Tiitoo 1:4, Fillii lakk. 10).

▣ **“Nuufis immoo balisaa”** Phaawulos laphee isaa yeroo dirirsuu isaan of keessa galchuu fi, warra qoqooduudhaa fi warra dubbii kan turan hundumaa, inni laphee qajeelaadhaan barbaadaa, isaan akka deebui’aniif gocha xiiyaafataa hojii irra ooleedha. Yaada hojii irra oolee, isaan mataa isaanitiin gochuu dhiisuu isaanitiin, haa ta’uu malee Waaqayyoo akka hojjeetuuf dirqamatti iyamuutu irra jiraata.

## II Qorontos 6:14-18

**[14]Warra hin amannee wajjin walitti in hidhatnaa! Qajeelinnii fi jal’inni maal walitti qabu? [15]Kristosii fi seexanni attamitti walii galu ree? Inni amane isa in amanne biraa qooda maalii qaba ree*? [16]Manni qulqullummaa Waaqayyoo immoo waaqayyolii tolfamanii wajjin walii galtee maalii qabu? Waaqayyo jiraataa dha, nuyis mana qulqullummaa isaa ti; Waaqayyo ofii isaatii, “Ani isaan bira nan buufadha, isaan gidduus nan deddeebi’a; ani Waaqayyo isaanii nan ta’a, isaanis saba koo in ta’u” jedheera*. [17]Iddoo biraattis immoo, “Isaan keessaa adeemaa, ittii gargar ba’aas; wanta xuraa’aa harkaan hin qabinaa! Anis isinan simadha, jedha gooftaan*.”**

**6:14**

**NASB “Warra hin amanini wajjin walitti hin hidhatinaa”**
**NKJV “Warra in amanini wajjin gita keessan malee walitti in hidhatinaa”**
**NRSV “Warra in amanini wajjin akka malee walitti hin dhufinaa”**
**TEV “Warra hin amanini wajjin hirihumaadhaan taatani hojjeechuudhaaf in yaalina”**
**NJB “Warra hin amanini wajjin mataa keessan hirriyaa gootaani itti hin hidhatinaa”**

Phaawulos yeroo baay’ee kan Kakuu Moofaa luqisii qonaa fayyadama, dhugaa kiristaanummaa argisiisuudhaaf (1 Qoro 9:9, 1 Xiimoo 5:18) keessa deebii 22:10 callaqisiisuu fi inni xiyaafaata ammaati, keeyata al ta’aa ta’ee irraa (gochama wajjin), yaadii wali gala isaa “in hundeessuu turan” sirrii kan in taanee hirihummaa, warra hin amaninni wajjin gaa’ila ta’een walitti dhufuu. Jecha Girikii “itti hidhamuu” (*zugeō*) kan jedhuu wal makaadhaa, akkasumas “kan biraa irraa gareen adda ta’ee” (*hetros*, jechuun, kan adda addaa gareen bineensoota). Lakk.kunni calallii barreefamaa godhameera, amantootni warra in amaniin fuudhuu wajjin kan wal qabatee. Ta’es barreefamni kun addumaan gaa’ila wajjin kan wal qabatee qofa kan tajaajilu hin fakkaatuu, ammam illee dhugumatti daanga kana irratti ibsi jiruu kan keessa galfamee ta’us. Amantootni dirqamatti walitti dhufeenya dhi’eenya isaanii dhi’eesuu qabu, kan dhuunfaa walitti dhufeenya isaanii amantoota biraa dhaa wajjin gochuudhaa. Kunnis nu gargaaruu danda’a, aadaa kufee Kristoos irraa harkifnee dhabamsiisuudhaaf akka ittiin qabnu nu gargaara. Yesusi fi hafuura keessa buluu amanti jiruu maatiidhaan, daldalaan, gartokkotti jechuudhaan, jajuudhaan, akkasumas waldaa kiristaanaa gidduutti duwwaa gadii fagoo uumeera.

Tokko akka 1 Qoro 5:9:13, 7:12-16, 10:27 kan kana fakkaataan dubbifama fudhachuun kan irra jiru kan dhugaa kanaa madaalii xin-waaqummaa fayyadamuudhaan. Kan jaarraa tokkoofaaa aadaa waaqeffannaa waaqa tolfamaa hamaa isaa yaadachuutu nurra jiraata. Kun jireenya gadaamii kan mirkaneessuu miti, haa ta;’uu malee kan dhi’oo walitti dhufeenya dhuunfaa hiri’su dha. Seera biyya lafaa kufee wajjin (1 Yoha 2:15-17).

▣ **“Tolli jalinaa wajjin hirmaanaa maalii qaba”** dhugaa wal fakkaataan kun kara biraadhaan xalayaa Efesoon (5:7, 11) irratti irra deebi’eera. Phaawulos tolaa fi hameenya wal bukkee qabuun ifatti kan argisiisuu qabiyyee

barreefama kanaatiin tolli tola mataa isaa ilaaluu dhiisuu dha (Room4, Galaa3) haa ta'uu malee tollii jireenya tolaatti malee (Maati 6:1). Mata duree addaa tola 1 Qoro 1:30 ilaali.

▣ **"Tokkummaa"** mata duree addaa 1 Qoro 1:9 irratti ilaali.

**6:15**

**NASB, NKJV "Beel hoor"**
**NRSV, NJB "Beel hoor"**
**TEV "seexana"**

Kun jecha Ibirootaati (jechuun, *beli fi ya'al,*, BDB 116 ilaali) jechi hundee isaa shakisiisaa kan ta'ee Beliar qubee adda ta'ee dha, barreefama Yihudootaa tokko tokko irraa.

1. Bu'aa kan hin qabne (jechuun, ibsa namoota hamootaa, Keessa deebii 13:13, 2 Saamuu 23:6, 1 Mooto 21:10, 13)
2. Hameenyumaa (1 Saamu 22:5)
3. Bakka, innis karaa bahaa kan hin qabnee (jechuun *si'ool* Faarfa 18)
4. Seexanaaf jecha biraa (Naahom 1:15, Jubilees/maqabiyaa/1:20, 15:33 fi Dead Sea Scrolls IQS 1:18,24; 2:5,19]).

**6:16 "Manni qulqullummaa Waaqayyoo mana waaqa tolfamaa wajjin walitti dhufeenyaa maalii qaba"** lakk.kun dirqamatti walitti qabamuun kan irra jiraatuu 1 Qoro 3:16 wajjin isa irraasi waldaan hosiiftuu kiristaanaa waldaa Waaqayyoo jedhamtee kan waamamtu. 1 Qoro 3:16 keeyaata, gochama in qabuu "mana qulqullummaa" wajjin (jechuun *naos*, mana qulqullummaa keessaa mataa isaa). "Isin" kan jedhuu maqaa dhaali kan lakkoofsa baay'eeti "qulqullummaa" lakk. Qeentee yeroo ta'uu, kanaafiis, qabiyyee barreefama akanaatiin "mana qulqullummaa" waldaa kiristaanaa Qorontosiin jirtuu dirqamaatti argisiisa (Efe 2:21-22).

Amantiin Yihudootaa xiyaafannoon isaa ijaaraamaa kan dhufee Waaqeffannaa mana qulqullummaatii fi seera waaqeffannaa bakee irraati. (Ermi 7) Yaahiwwee irratti kan godhamuu amantii dhuunfaa caalaa. Tokko eessaa yookaan yoomii yookaan akkamitti akka waaqessuu miti, haa ta'uu malee eenyu dhaa wajjin walitti dhufeenya akka godhee dha, Waaqayyo irraa. Yesusin qaama isaa kan ilaalate akka mana qulqullummaa Waaqayyotti (Yoha 2:21). Yesus mana qulqullummaa Kakuu Moofaa irraa caalaa (Maat 12:6). Gocha Waaqayyoo mana qulqullaa'ee gara isa qulqulluutti (jechuun, kan labsamee, qulqulluu) gara qaama amantootaati jijjiirameera.

Waaqi tolfamaanii fi amantootni guutuu guutuuti ibsamaniiru, 1 Qoro 8 fi 10:14-22 irratti. Kun hundumaa kan hin amanee ta'uutu irra jiraata! Karaan hundumtuu gara mootummaa Waaqayyootti in geessan!

▣ **"Waaqa jiraataa"** kan Kakuu Moofaa maqaa kakuu Waaqayyoo Yaahiwwee ture (mata duree addaa 1 Qoro 2:8 ilaali), innis "kan ta'uu" gochama kan ta'e. kan Kakuu Moofaa tarreesitootni yeroo baay'ee kan fayyadaman maxaantuu "jiraachuu"ture, bara baraan jiraataa, qophaa isaa kan argamuu Waaqayyoo callaqisiisuuf. Kan Kakuu Moofaa waabiin haalaa lakk. 16-18 irratti jecha kakuu qabateera, "anis Waaqa isaanin ta'aa isaanis saba koo ta'u" (Isqe 37:27).

"Gidduu keessan nan deddeebi'a" kan dhufee ta'uu kan danda'uu Roome 26:12 dha. Barreefamni Kakuu Moofaa lakk. 16 kan callaqisiisuu bara haaraati, Yaahiwwee saba isaa gidduutti yeroo jiraatuu, Uuma 2 akka jedheeti, fi kan yerootii fi muraasni lafa honaatti kan jooruu yeroon akka ta'ee, haa ta'uu malee guutuu guutuutti dhugaa kan ta'uu samii haaraadhaa fi ardii haaraa (Mul' 21-22).

▣ **"Waaqayyo jira"** kun laafaa kan ta'ee qindaa'umaa kan qabuudha Leewwota 26:11-12 fi Hisqe 37:27 saptuwajeentii irraa. Qabiyyee barreffama kanaatiin Phaawulos abdii kana fayyadama, bakka guddatti Israa'eel kakuunisa irraas waldaa kiristaanaatiif, Isiraa'eel hafuuraa kan taaeef, (Room 9:6, Galaa 6:16).

**6:17 "Ba'aa…kan adda baatan ta'aa"** isaan kun lamaanuu gocha irratti kan xiyaafatuu dha. Isaan kun dubbii haalaa waabiiti Isaa 52:11 Saptuwajentii. Sabni Waaqayyoo cubbamootaa fi kan hin amanin irraa mataa isaanii adda baasuutu irra jiraata, murtii isaanitiin akka hin qabamneef (Mul ta 184). Ar'a kan irra deddebi'uu lakk kun yeroo heeramuu nan dhaga'aa, tokkoo kutaa amantii isa kami irraa akka ta'ee wal qabsiisuuf F.Bruce Anwsers to Questions, mee nan heeraa "isaan kun fayyadamni jechaa adda baba'uu waldaa kiristaanaatii fi kiristaanoota giddutti hubannoo jeeqamaa jiraachuun isaa kan argisiisuu dha kunnis isaan haala qabiyyee barreefamaa qofaani dubbisuudhaan kuufaat dhufee dha" (fuula 103).

▣ **"Waan xuraa'aa in tuqinaa"** kun kan giddu galleessa ammaa xiyaafaata dha. Amantootni kan aadaa isaanii gocha cubbuu raawwatee hirmaachuub irra hin jiraatu, akka bitamnee dirqamattii argisiisuudhaaf labsuutu nurra jiraata laphee haaraa fi yaada haaraa dha, sabni Waaqayyoo isaan wanti hundumtuu in jijjiramaa!

**6:18** lakk.kun kan callaqisiisuu kan dhugaa rajoota baay'eeti garuu baay'inaan guutuumaan isaa (Hosee yookaan 2 Saamu 1:14). Kiristaanaa fi dhimma maatiiti.

▣ **"Gooftaa hundumaa bituu"** kun kan argisiisuu jechaa Kakuu Moofaa Waaqayyoodhaaf, Yaahiwwee (Seera ba'uu 3:14 fi *El Shaddai* (Seera ba'uu 6:3). Saptuwajeentiidhaan inni hiikamuu "Waaqa maccaa" gaalee jedhuu dha. Mata duree addaa maqaa Waaqummaa 1 Qoro 2:8 irratti ilaali.

## II Qorontos 7:1

**[1]Yaa michoota ko! Abdii kana erga qabaannee, kottaa waanuma dhagna keenyaa fi hafuura keenya xureessuttii of in qulleessinaa; Waaqayyoon sodaachuutti jiraachuudhaanis qulqullummaa fiixaan in baafannaa*.**

**7:1 "Isaan abdii kana erga qabaanne"** kun keeyata booz gocha xiyaafataa ammaati. Phaawulos kan Kakuu Moofaa raajii jecha Waaqayyoo irraa heeraa, akkuma amma Qorontos irraa hojii irra ooluu (6:2). Kakuu Moofaan immoo 6:16-18 irratti heerameera, itti fufeenya Yaahiwee kan qabuu hawwiin, amala isaa kan callaqisiisuu saba akka qabaatuu hawwii qabu. Phaawulos amantoota Qorontos jajjabeesuudhaaf yaala, gaarii jireenya adda ta'ee akka jiraataniif. "Ayyaanaa" shakalaniiruu (6:1)amma itti jiraachuutu irra jiraata. Luqisiin kun waamicha qulqullummaa kiristoosiin fakkaachuuti. (Efe 1:4, 2:10).

▣ **"Kan jaallatamtan"** gaaleen kun Maati 3:17 fi 17:5 fayyadama irra ooleera, waamicha Yesusiif. Phaawulos jechumma wal fakkaataa kana duuka buutuu Yesus ibsuudhaaf itti fayyadameera (2 Qoro 12:9, 1 Qo 10:14, 15:58, Room 12:19, Fillii 2:17, 4:1). Jechi kun kan dubbatuu kan Waaqayyoo cimina, kan amanamee kakuu jaalalaati (Ibirootaan, *hesed* Girikiidhaan *agapē*)) nuuf Kristoosiin, asitti garuu kan inni dubbatuu jaalala Phaawulos, warra qoqoodota kanaaf, of yuulaa, waldaa kiristaanaa jeeqamteef.

▣ **"Mataa keenya haa qulqulluulesinuu"** kun kan gochaa kan ammaa bukkeedhaan. Gochamni gochaa Koneen Girikii gocha tokkoo karaa ittiin cimsuu dha. Innis baay'ee yaada wali gala adda addaa qabaachuu danda'u (D.A.Carson, Exgetical Fallacies, (hiikii falaafamaa maxansa lamaa fuula 68-73ti ilaali). Asitti inni gocha murteessaadhaaf (jechuun, kan jajjabeesuu akka xiyaafataatti fayyadama irra kan oole. Haali bukkeedhaan eegachiisaa (maxantuu) wanta akkanaa kenna. Amantootni Waaqayyoo wajjin dirqamatti wali galuutu irra jiraata, fayyinaani fi isa irraas bilchinaaf wali galuu.

▣ **"Kan fooniitii fi hafuuraa"** kun kan dubbatuu waa'ee ijoollee namaa hundumaati. Namootni baay'een lakk.kana hin hiyaman, akka isa guddaati Phaawulos jecha lamaan kanaa bifa gummaatiin barreefama biraatiif fayyadamuun isaa sababa. Ta'es 7:5, 2:13 wajjin wal qabatee (innis kan Phaawulos hammatuu dheerata jalqabaa fi dhuma ta'uu isaa), isaan jechi lamaan kun kan itti fayyadamuu wal fakkaadha. Phaawulos yeroo hundumaa wal fakkaataa kan ta'ee jecha miira adda addaatiin fayyadama (A Man in Christ Jams S. Stewart, Harper fi Roo) (nama Kristoosiin dubbisi).

▣ **"Sodaa Waaqayyootiin qulqullummaa mudaa malee gochuudhaan"** kun gocha hamaa keeyata Booziti. Innis haala xin-waaqummaa tiin dhugaa dha, kunnis yeroo fayyinuutti batalumatti toloota taaneera qulqulloofneeraas (1 Qoro 1:30 akkasumas mata duree addaa qulqullaa'uu 1 Qoro 1:2 irratti ilaali". Kun kan dubbatuu ejjennoo Kristoosiin qabnu ta'us, ejjennoo keenyaan ifa qabaachuu nurra jiraata. Kanaafiis waamamuu keenyaa raawwachuuf in hariifana, qulqullaa'ummaa itti fufeenya qabuu yookaan nKristoosiin fakkaachuu (Roomee 8:28-29, Efe 4:1). Kun wallaansoo itti fufeenya qabuu dha (Roome 7). Fayyinni lamaanuu kennaa bilisaa fi gatii kan nama kafalchiisuu gara kuteenya akka ta'e, akkasuma immoo qulqullaa'uun. Yaad-rimee wal fakkaataan kun dhugaa dha, amantootni qulqulloota jedhamanii akka waamamn (kan argissiisuu) isa boodas qulqullootaati akka waamaman (xiyaafaata). Ani jireenya kanatti. Cubbuu kan hin qabne kan jedhuu in amanuu, haa ta'uu malee amantootni cubbuu gochuu isaanii hir'saa adeemuu akka danda'an ta'uun akka irra jiru nan amana! Kun xin-waaqummaa tii fi falmii hojii irra ooluu amantootaan kan uumamuu dha, mootummaa isaa keessa jiraachuudhaaf, haa ta'uu malee mootummaan isaa amma iyyuu in gofatamne (Fee, Stewart, how to Read

the Bible foro all it is Worth (macaafa qulqulluu faayidaa isaa guutuu wajjin akkamiti dubbisuun akka danda’aamuu fuula 131-134).

## Gaaffiillee mare

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Lakk.1 kan inni arsiisuu fayyina keenya dhabuu akka dandeenyuudhaa hii?
2. Kristaannii gufuu dhagaa tokko illee kan biraa duratti osoo in kaa’iin akkamiti jiraachuu danda’aa?
3. Jireenyi Phaawulos maaliif baay’ee rakkisaa ta’ee?
4. “Adda ba’aa” kan jedhuu maal jechuu dhaa?
5. Fayyinnii guutuu guutuutti bilisaa yookaan wanta hundumaa nu baasisaa?

# II Qorontos 7:2-16

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| | | | | Akeekkachiisa |
| Waldaa kiristaanaatti qalbii diddiirrachuu gammachuu Phaawloos | Qalbii jijjiirrachuu warra Qorontoos | Gammachuu Phaawloos | Gammachuu Phaawloos | (6:11-7:4) |
| 7:2-4 | 7:2-12 | 7:2-4 | 7:2-4 | 7:2-4 |
| 7:5-13 a | | 7:5-13 a | 7:5-7 | Maqadooniyaatti Phaawloos Titoosiin argate |
| 7:13 a-16 | Gammachuu Titoos | | 7:8-11 | |
| | | | | 7:5-7 |
| 7:13-16 | | 7:13a-16 | 7:12-13a | 7:8-13 a |
| | | | 7:13 a-16 | 7:13 a-16 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**
*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## II Qorontos 7:2-4

**2 Garaa nutty bal’adhaa! Nuyii nama tokko iyyuu hin yakkine, nama tokko iyyuu amala hin balleessine,**
**nama tokko iyyu gowwoomsinee waa irraa hin nyaanne*. 3 kanas dubbachuun koo yakka isinitti**
**muruudhaaf miti; akkuman kanaan dura jedhe, nuyi isinii wajjin du’uudhaaf isinii wajjin**
**jiraachuudhaafis isinitti garaa bal’anneerra*. 4 Aniwaanan isin amanadhuuf mul’isee isinitti nan**
**dubbadha; isiniinis guddiseen of jaja. Garaa guutuudhaan nan jajjabaadha; rakkina keenya hundumaa**
**keessattis, gammachuun koo irra darbaa dha*.**

**7:2 “Laphee nuuf bal’isaa”** keeyati kun 6:13 irra kan jiruu yaada fudhata. Inni AORIST ACTIVE IMPERATIVE, ajaja murtaa’ee dha, garuu itti fufeenyaan kan cimsa qabu dha. Phaawulos kan akka kana kan ta’ee yaada 6:13 irratti in tuqa. 6:12 irratti faalla kan ta’ee fayyadama (jechuun, qusachuu). Phaawulos inni mataan isaa laphee isaa akka bane fi laphee isaani akka isaaf banan in barbaada. “laphee” jechi jedhuu 6:11 irratti

ofi isaa karaa argisiisuu dha. Phaawulos lakk. 5 irratti "foon irraa" fi lakk.13 irratti "hafuura irraa" wajjin wanta tokko isaan godha. Qabsiisa guutuu lakk. 5 irratti ilaalaa.

▣ **"Eenyuun illee hin minee, waa tokkoo illee hin balleesinee, eenyuun illee hin gowomsinnee"** isaan kun hundumtuu gocha yeroo darbee argisiisu (AORIST ACTIVE INDICATIVES). "Eenyyuun illee" kan jedhuu tokkoon tokkoon gaalee irratti irra deddeebi'ameera, akkasumas dursa ta'eera. Isaan kun gicha barsiisoota sobduuti wajjin yookaan tajaajilaa fi eenyummaa Phaawulos irratti komii isaan geggeessan ceepha'uu isaa wajjin kan walitti dhufanii dha. (12:17-18)

▣ **"In ceepha'ee" I Qorontos 15:42 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali.**

**7:3 "wali wajjin du'uudhaaf, wali wajjiin jiraachuudhaaf"** Girikiin isini wajjin nan du'a yookaan isini wajjin jiraachuu ittin fufa kan jedhu qaba. Gochamni kun kan gocha darbee ta'ee ammas hojii irratti wantootni qabnu kan argisiisanii fi inni laman PRESENT ACTIVE INFINITIVE amma adeemsa irratti gichi qabnu kan argisiisuu dha. Kun tarii 6:1 argisiisa ta'a. Phaawulos Qorontositti kan guddatee fi kan sosochootuu waldaa kiristaana arguu hawwa. Bulchiinsa isaatii fi taayita isaa utuu hordofani ija godhachuu in danda'u. Yoo ta'uu baatee garuu gara jiraachuuti kan dhufan akkasuman ta'uu isaati. Kunnis isaan amma xumuraati akka jabaatan kan aadaan kan ta'ee dubbii ciggoota'uu danda'a.

**7:4 "Amantii koo"** 3:12 irratti kanjiruu mata duree addaa *Parrhēsia* irratti ilaali.

▣ **"Of jajuu"** I Qorontos 5:6 irra kan jiruu qayyabbannoo jecha guutuu, II Qorontos 1:12 irratti kan jiruu mata duree addaa ilaala.

▣ **"Jajabeessuun na keessa guutera, rakkina keenya hundumaatti gammachuun koo human olbaayateera"** lakk. Kun 6-13 irratti kan jiruu ibsa Tiitoo kan argisiisuu fakkaata. Phaawulos waa'ee sadarkaa hafuura waldatti baay'ee baay'ee miiraan ture (Galatiyaa 4:19).

In baay'ata jechi jedhuu (jechuun, *huperperisseuomai*, Roomee 5:20) *perisseuō*. ergaa cimaa dha.kanaaf isaa wajjin bifa adeemu kan qaban yeroo baay'ee Phaawulos gara Qorontositti ergaa inni ergee keessa itti fayyadama. (Huper) kan jedhuu wajjin kan Phaawulos I Qorontos 2:1 irratti kan jiruu mata duree addaa ilaalaa.

1 *perissos/perissoteros*
   a. Kan darbee (I Qorontos 12:23, 24, 15:10)
   b. Irraa hafaa (II Qorontos 2:7, 10:8 )
   c. Dabalata (II Qorontos 9:1)
2 *Perissoterōs*, baay'ee kan irraa hafe (II Qorontos 1:12, 2:4, 7:13, 15, 11:23, 12:15)
3 *perisseuō*
   a Baayisuu (II Qorontos 1:5, 3:9, 9:8, 12)
   b Irraa hafee hafee kan kenname (I Qorontos 14:12, II Qorontos 8:7)
   c Gochaan irraa hafuu (I Qorontos 15:58)
   d Nyaataan irraa hafuu (I Qorontos 8:8)
   e Akka irraa haftuu gochuu (II Qorontos 4:14, 9:8)
4 *perisseuma*, (kan barbaachisuu ol irraa hafuu (II Qorontos 8:13, 14)
5 *perisseia*,, kan irraa hafee (II Qorontos 8:2, 10:15)

▣ **"Rakkina keenya hundumaatti"** II Qorontos 1:4 irra kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## II Qorontos 7:5-13

**[5]Ergaa Madedooniyaa geenyee iyyuu nuyii boqonnaa hin arganne, waan hundumaatti karaa alaa lolaan, karaa keessa sodaadhaan rakkachaa turre*. [6]Waaqayyo inni warra yaadni isaanii gad qabame jajjabeessu garuu, dhufa Tiitoosiin nu jajjabeesse*. [7] Dhufa isaa duwwaadhaan miti, jajjabima inni ofii waa'ee keessaniif argateenis jajjabaadheera; Tiitoos ana yaaduu keessan gadduu keessan, hinaa isin anaaf qabdanis yommuu anati hime, ani caalaa nan gammade*. [8]Caaffata kootiin yoon isin gaddisiise iyyuu ani amma hin gaabbu, yeroodhaaf isin gaddisiisuu isaa yommuun arge illee gaabbeen ture*. [9]Amma garuu waanan isin gaddisiseef utuu hin ta'in, gaddi keessan yaada garaa keessanii akka geddarattan waan godheef nan gammada; wanta nuyi hojenneen karaa kam illee akka hin miidhamnetti gaddi keessan isa Waaqayyo biratti fudhatamu ture. [10]Akka Waaqayyo biratti fudhatamutti gadduun, yaada garaa geddarachuu fida; inni immoo gara fayyinaatti geessa malee nama hin gaabbisiisu; akka biyya lafaa**

**keessatti fudhatamutti gadduun garuu du'a fida*. 11Egaa akka Waaqayyo biratti fudhatameetti gadduun keessan dhimmamuu attamii, falmachuudhaafiis duudhamuu attamii, ana yaaduu attamii, naasuu attamii, dheekkamsa attamii, hinaa attamii, daba attamii, hundumaas isin dubbi kanatti yakka akka hin qabne argisiiftanittu*. 12Ani kana yoon isiniif caafe iyyuu, hinan isin nuyiif qabdan Waaqayyo duratti isinumatti akka mul'atuuf malee, isa balleesseef yookiis isa itti balleeffmeef jedhee miti*. 13Kanatti nuyi jajjabina arganneerra. Jajjabina ofii keenyaa itti gammanne irratti immoo, isin hundumti keessan yaada isaa waan ciibsitaniif gammachuu Tiitoositti nuyis caalchifnee gammanneerra.**

**7:5 "Kara Meqodoniyaa yeroo dhufneeti"** Phaawulos 2:13 irratti jalqabamee kan turee gabaasa Tiitoo wajjin dhima wal qabatee jiruutu itti fufa. Gaddaa fi gammachuun kan guutee tajaajilli ergamichaa bakka inni itti kaasu. 2:13 fi 7:5 gidduu Phaawulosiin kan ta'ee dubbii baay'ee ba'e ture.

▣ **"Foon keenya boqonnaa hin arganne ture",** Phaawulos waa'ee waldaa kanaa baay'ee dhiphata ture (12-13 lamaan isaa PERFECT ACTIVE INDICATIVES). Dhiphina kootii fi shakkii koo gidduu ormootaa fi kan ta'ee ergamaa guddaa beekuu dabalataaniis dhaabataa kan ta'ee bu'aa tajaajila isaa mamiidhaan dhiphata kan turee beekuun anaaf faayidaa qaba (6).

Phaawulos waa'ee mataa isaa "foon" kan jedhuu jecha wal fakkaata fayyadama (I Qorontos 1:26 irratti kan jiruu mata duree addaa ilaali). Lakk.13 irratti hafuura wajjin wal qabatee wanta bifa tokko godha (2:13 irratti kan jiru Gooniloosh "hafuraa kooti boqonnaa" kan jedhuu ilaala). Tiitoo kan ilaalatu Kakuu Haaraan namni sadii (foon, hafuura, lubbuu) in degerru. Namni tokko (Uumama 2:7). Phaawulos waan kana bifa baay'eedhaan kan ta'ee tokkummaa bifa adda addaatiin argisiisa.

▣ **"Waan hundumaatiin rakkina fudhanne"** lakk. Kun Phaawulos 1:4-10, 4:7-12 fi 6:3-10 irratti rakkina tuqaman xumura ifaa dha.

▣ **"Alaan dubbuii turee keessaan sodaatu ture"** (Chrysoston) yeroo kanaa ka'ee gaaleen kun amantoota fi kan hin amannee giddutti rakkina jiruu kan argisiisuu godhamee utuu hiikamuu tureera innis (11:28). Phaawulos waa'ee tooftaa seexanaa in dhiphata 11:3, I Qorontos 1:5.

**7:6 "Haa ta'uu malee warra gaddan kan jajjabeessuu Waaqani dhufaati Tiitootin nu jajjabeesse"** kun Waaqayyoodhaafi waamicha ajaa'ibsiisaa atamiti! "yeroo hundumaa utuu gargar in kutin kan jajjabeessu" (PRESENT ACTIVE PARTICIPLE). Jajjabeessu irratti yaadannoo qophaa'e 1:4-11 irra ilaalaa.

**7:7** Xalayaa Phaawulosii fi kadhannaan isaa karaa gaariidhaan mirkana'eera. Waldatti kiristaana keessa kan jiran baay'een isaani aboo ergamummaa isaa fi dhi'aanaa wangeellaa bifa sirriidhaan deebi kennera.barsiisoti sobaa fi qulqullummaa hin qabne mormeera (8-13).

**7:8**
**NASB "Kan isin gaddisiisuu yoo ta'iillee"**
**NKJV, NRSV "Yoo isin gaddisiise dhiifama"**
**TEV "Isin gaddisiisee yoon ta'ee dhiifama"**
**NJB "Amma isinin gaddisiisa"**

Kun dhugaa ta'a jedhamee tilmaama (FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENSE) hima.

▣ **"Ergaa kootiin"** kun Phaawulos namoota Qorontosiif kan barreesee fi beektoonni "xalayaa cimaa" jedhani kan waamaan kan argisiisuu fakkaata 2:3, 4, 9. Kun kan badan xalayaa lamaan keessa isa tokkoo, ta'uu yoo baatees 10-13 dubbifama isa irraa fudhatamanii dha.

**7:8-11 "Gadda….gaabbu…qalbii jijjiirannaa"** gaddaa fi qalbi jijjirannaa mul'isuudhaaf baay'ee barbaachisaa sadii kan ta'an jecha Girikii keeyata kana irratti fayyadama irra oolera. Jechi jalqabaa (jechuun, *lupeō*)) "gaddaaf" yookaan "dhiphinnaaf" jecha guddaa dha. Jechi kun barumsa Waaqayyumaati jecha addaati ala lama lakk.8 keessatti, yeroo sadii lakk.9 keessatti yeroo lamaa lakk. 10 keessatti fi yeroo tokkoo lakk.11, keessatti kan argamuu (2:2, 4, 5, 6:10).

Jechii gaabbu jedhuu (fakkeenyaaf, *metamelomai*) ala lama lakk.8 keessatti argama, lakk.10 keessatti kan inni fooyyesse "kunuunsuu" jecha jedhuu dha. Kun adaba yeroo darbeeti gaduu jechuu fakkaata fakkenyaaf (1) Fakkeenya Yesusin dhugaatti qalbii kan hin jijjiirannee Maatihoos 21:29, 32 (2) Yihuuda, Ibiroota 12:16-17 fi (3) Essawuu Maatihos 27:3.

Jechii dhumaa (jechuun, *metanoeia*) lakk. 9 fi10 irratti argama, xin-waaqummaa tiif baay'ee barbaachii dha. Kallatiidhaan yoo fudhatamee "kan sammuu booda" jechuu dha. Jijjiiraa amalaa qofa kan argisiisu miti, jijjiiraa gochaa malee (Maariqoos 1:15, Hojii Ergamootaa 3:16, 20:21). Qalbi jijjiirannaa akka kanaa argamuu kan danda'uu mootii Daawitii fi ergamaa Pheexiroos keessatti.

Phaawulos waldaa Qorontosiif kan inni barreessee "gaddisiisaa" xalayaa isaa isanitti argisiisaa. Mataa isaa sirriidhaa fi dhugaatti mul'iseera, tarii garuu xalayaan isaa tokkummaa deebisee kan haroomsuu qalbi jijjiirannaa fayya qabeessa caalaa gadda kan fiduu akka hin taane sodaachuudhaan. Phaawulos iddoo abbaa hafuuraa akka baqasse hodhuu akka ta'uu kakkaase ture. Phaawulos gocha sirrii hin taanee fi amala kaasuudhaan karaa sirriidhaan deebii akka itti kennan irra eega. Garuu abbaan ilma isaa utuu gadduu akka adabuu Phaawulosn wanti gadheen akka in uumamne sodaachaa gaddaan barreessa. Sunis isaaniif qalbi jijjiirannaa dhugaa deebii yoo in laannee tokkummichi deebi'e akka in haaroofnee fi hojiin achii turee hundumtuu dadhabbii akkasumani akka in taane sodaachudhaan (6:1).

## MATA DUREE ADDAA: YAADA GARAA GEEDDARACHUU

Yaada garaa geeddarachuu (amantii wajjiin) Kakuu Moofaa keessatti ta'ee Kakuu Haarawaa keessatti wanta kakuuf barbaachisaa ta'edha. (*Nacham*, 1Mot 8:47, *Shuv* 1Mot 8:48; Hisq 14:6; 18:30; Yoel 2:12-13; Zak 1:3-4) fi Kakuu Haarawaa

1. Yohaannis cuuphaa (Mat 3:2; Mar 1:4; Luq 3:3,8)
2. Yesuus (Mat 4:17; Mar 1:15; 2:17; Luq 5:32; 13:3,5; 15:7; 17:3)
3. Pheexiroos (Hoer 2:38; 3:19; 8:22; 11:18; 2Phex 3:9)
4. Phaawuloos (Hoer 13:24; 17:30; 20:21; 26:20; Rom 2:4; 2Qor 2:9-10)

Garuu yaada garaa ofii geeddarachuun maali? Gadduudhaa? Cubbuun hojjechuu dhiisuudhaa? Yaada waraabbii kanaa sirriitti hubachiisuuf gargaaran Kakuu Haarawaa keessaa boqonnaa gaarii kan ta'e 2Qor 7:8-11ti, bakka jechoonni Giriik sadhata qaban sadii garuu gargar ta'an itti tajaajilanidha.

1. Gadduu/sorrow (*lupē* lakk 8 [al lama], 9 [sal sadii], 10 [al lama]11). Innis hiika aaruu, namatti dhaga'amuu jedhu kan qabu fi gama Tiyooloojiitiin immoo waraabbii hiika babsawaa (neutral qabduha.
2. "yaada garaa geeddarachuu" (*metanoeō* c flak 9, 10) Innis qindoomina "booddee" jedhuu fi "yaada/mind" jedhuuti. Innis 'sammuu haaraa' agarsiisa; yaada haaraa argisiisa. Jireenyaa fi Waaqayyo irratti ilaalcha haaraa horachuu agarsiisa Innis "jijjiirannaa yaadaa" dhugaa ta'edha.
3. Gaabbuu (*metamelomai*,, cf lakk 8 [al lama] 10). Innis Qindoomina booda (after) fi eeggannoo (care) jedhudha. Innis Maat 27:3 irratti Yihudaa fi Ibir 12:16-17 immoo Esawuf tajajaileera. Innis gadda haala sana irratti qabaniidha malee kan gocha sanaa miti.

Yaada garaa geeddarachuu fi amantiin gochaawwan kakuu barbaachisoo ta'anidha. (cf. Mar 1:15; Hoer. 2:38; 8:41; 3:16,19; 20:21). Barreeffamoonni Waaqayyo yaada garaa geeddarachuu kennuu isaa ibsan hedduutu jira. (cf. Hoer 5:31; 11:18; 2Xim 2:25). Gara barreeffamoonni hedduun, kakuu fayyinaa Waaqayyo kenne irratti deebi namoonni qabanidha kan jedhuun ilaalu (cf. Luq 15:20-24).

Hiikaan jechoota Ibirootaa fi Giriikotaa lachansaaniituu hiika guutuu "yaada jijjiirachuu" jedhuuf kennamanidha. Fedhiin Ibirootaa "jijjiiraa gochaa" (change of action) yoo ta'u kan Giriikootaa immoo jijjiirraa sammuu/yaadaa (change of mind)ti. Namni fayye tokko, sammuu haaraa fi onnee ykn laphee haaraa argata. Innis kallattii garaa garaan yaadee, haala garaa garaan jiraata. Anaaf maaltu ta'a kan jedhus Fedhiin Waaqayyoo maali? Gaaffii jedhuun bakka buufata. Yaada garaa geeddarachuun dhikkisa yaadaa kan, cubbuu balleessu ykn cubbuu malee jiraachuu jechuu miti, garuu walitti dhufeenya haaraa wanta qulqullaa'aa irratti qaban kan amantoota quqlulluu taasisu jechudha.

**7:9**

**NASB** **"Akka fedha Waaqayyootti gadditaniitu"**
**NKJV** **"Karaa gaariidhaan dhiifama gaaffatanituu"**
**NRSV** **"gaddii keessaan haala gaariidhaan ture"**
**TEV** **"Gadda keessanitti Waaqayyo dhimma ba'eera"**
**NJB** **"Dhiphinna keessan Waaqayyo mirkaneessee ture"**

Akkuma jirutti jechi kun "akka fedha Waaqayyootti gadditanitu" dha. Hiika addaa irratti ilaalcha barmsa Waaqayyummaa addaa akka jiruu ilaaluu in dandeessa. Waaqayyo akeeka isaatiif jechaa gaddaa, rakkina, dhiphinna itti fayyadamaa? Tokko tokkoo Roomee 8:28 waabii godhatee "eyyee" jedhu. Kan biroon immoo

Yaaqoob 1:13, 17 waabii godhachuun “miti” jedhu. Phaawulos akka ergamummaa isaatti rakkoo isa mudatee fi rakkinoota in tuqa. Burqaan isaan kanaa Effeessoon 2:2-3 irratti sexana, seera biyya lafaa kufee fi amala Adaam isa moofaa ta’uu isaani in tarreessa. Waaqayyo dhiifama gochuu in hiyyama , cubbamoota in simata. Akeeka isaatiif jecha hamaatti gargaarama, garuu inni dhuunfa isaatti hin hirmaatu. Rakkinnaa fi dhiphinni yeroo baay’ee bu’aa gaarii argamsiisuu danda’u. qabiyyee kana keessatti qalbii jijjiirannaa fideera (9-11).

▣ **“Ammamillee nurraan kan ka’ee akka in midhamne”** kun AORIST PASSIVE SUBJUNCTIVE. Ta’uu kan qabu akka ta’ee godhii yaadi. Phaawulos waldaa kliristaanaa kanaaf eebba ta’uu barbaada, karaa kamin illee gufuu ta’uu in barbaadu. Haa ta’uu malee waldaan kiristaanaa Phaawulosii fi tajaajila isaa fudhachuutuu irra jira.

**7:10 “Gara fayyinaatiin kan ga’uu”** qalbii jijjiiranaan fayyinaaf isa guddaa barbaachii dha. Qalbi jijjiirannaan baay’ee wanta barbaachisaa akka ta’e tuqamee ture. Yohannis cuuphaadhaan (Maatihoos 3:2), Yesus (Maatihos 4:17) Pheexiros (Hojii ergamoota 2:38) fi Phaawulos (Hojii ergamoota 26:20). Qalbi jijjiranaan cubbuu irraa deebi’u dha amantiin immoo gara Kristoositti deebi’uu dha. Lamaanu barbaachisaa dha (Maariqoos 1:15, Hojii ergamoota 3:16, 19, 20, 21). Fayyina raawwachuuf immoo raawwatamuun kan irra jiru wantoota adda addaa barsifata kiristaanummaa akka jiruu gara amanuutti dhufuun nurra jira. Amantii, cuphaa, abboomamuu, tajaajilaa fii obsa.

Waaqa barabaraatii fi dirqamni kan itti kennamee deebi namaa gidduu kan jiru kakuu kan ta’ee mudama xin-waaqummaa kanaan bakka irratti mul’achuu danda’a. Sababii isaa Hojii ergamootaa 11:18 Waaqayyo qalbi jijjiirannaa akka laatuu in mirkaneessa. Macaafa Qulqulluu kana irratti fayyinni walumma galatti kan Waaqayyo aakka ta’ee fi deebii namaas kan gaafatuu ta’uu isaa ilaaluun in danda’ama. Fayyinni kuni tola kan kennamuu fi gatii kan nama baasisu ta’uu isaa irratti falmii kaasa. Yaadi fayyina kakuu haara kan mul’ate tarkaanfii amantiitii fudhachuu irraa jalqabee walitti dhufeenyi amantii guddachuu of duukaa buusee deebi’ee dhufuu Yesus Kristoosiin in xumurama. Barreeffamni kun badisa fuula duraa kan argisiisuu fakkaata. I Qorontos 3:15 irratti kan jiru mata duree addaa ilaala.

▣ **“Gaddi biyya lafaa garuu du’a fida”** himi kun qabiyyee kakuu haaratiin beekamuun kan irra jiruu jecha furtu sadi qaba.

“Gadda” lakk.kun jecha Girikii sadan gadda, gaabbuu, qalbi jijjirannaa qabateera. Gaalee kana keessatti gaddi Lupi’oo dha gaduu jechuu dha. Namoonni gochaa isaani darbee yoo in dhiisne garuu sababa dhuunfaaf.

“Addunyaa” kun kan argisiisuu Waaqayyo ala kan hundeeffaman gamtaa dha.

“Du’a” tajaajilli jecha kanaa tarii kan in qabatamne kan fayyaduu dha. Du’a hafuuraati fi du’a foonii argisiisa (Uumama 3).

7:11 Akka fedha Waaqayyootti gadda ta’e (jechuun, *lupeō*) hafuuraan kan ta’ee faayidaa fida. (Qalbi jijjirannaa dhugaa *metanoeō* fi ija isaa). Akka fedha Waaqayyotti bu’aa ta’ee lakk.11 irratti barreefameera.

▣ **“Ijaa ba’uu akkami”** kallattiidhaan hiiki ta’e “ijaa ba’uu” jechuu dha, garuu fayyadama irra kan oolee qajeellummaa karaabifa qoqodachuun. Lakk.kun sirridhummatti maal jechuu akka barbaadee fi maaliis akka argisiisuu beektoota gidduutti kan murtaa’aan garaa garummaa yaada ture. (1)Kan biroon I Qorontos 5:5 akka argisiisuutti cimsa ittii laata, kan biraan immoo (2) Barsiisootni sobduun yookaan gareen murta’aan akka argisiisuu cimsa itti laata (lakk.12).

**7:12** Hima alta’aa osoo hin ta’in tooftaa wal dorgomsiisuu Ibiroota kan argisiisuu fakkaata. Kan Jaromiin (The Jerome Bible Commentry fuula 283 ilaalaa.

## II Qorontos 7:13-16

**[14]Isiniin akkan of jaju isatti himeen ture, isinis ana hin qaanessine. Akuuma wanti nuyi isinitti himne hundinuu dhugaa ture, wanti nuyi Tiitoos duratti of jajaa turres dhugaa ta’e. [15]Akka itti isin hundumti keessan barsiisa isaatiif abboomamtan, sodaadhaa fi rom’aaniis akka isa simattan yommuu yaadatu, isa durii caalaa garaan isaa isin bira in jiraata. [16]Anis waan hundumaatti isin amanachuu waanan danda’uuf nan gammada.**

**13b"Jajjabachuun keenyaasi waa'ee gammachuu Tiitooti fi caalatti nutty tolee, hafuurri keenya hunduma keessanitti boqoteera"** waldaan kiristaana Tiitoo baay'ee kunuunsiti. (Boqonnaa argatee ture PERFECT PASSIVE INDICATIVE). Ifatti Phaawulos waa'ee kanaa sodaatee turee sababi isaa kanaan dura dursee kunuunsa godhameef irraa kan ka'e.

Phaawulos bakka Tiitoo "hafuura" kan jedhuu bakka buusee akka fayyadamu hubadhu, haala argamu miti (jechuun, foon, lubbuu, hafuura Eliweeli Evangilichaal galmee jechootaa (Elwell's Evangelical Dictionary of Theology fuula 676-680 kan jiruu ilaali. Hafuura kan jedhu irratti yaadannoo hundummaa 4:11 irratti ilaala. Ragaa dabalataa 2:7 irratti kan jiruu ilaala.

**7:14 "Raawwatee"** kun FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENCE, kun haala barreesichaatiin yookaan sababa kayyoo barreeffama isaatiin dhugaa akka ta'e tilmaama. Phaawulos waa'ee Tiitoo waldaa Qorontos ilaale ture.

▣ **"Of tuullummaa"** waa'ee of tuullummaa I Qorontos 5:6 irratti kan jiruu ilaala.

▣ **"Dhugaadhummatti"** 13:8 irratti kan jiruu mata duree addaa ilaala.

**7:15 "Rakkina"** jechi kun akkuma jirutti jecha Girikii (Splagchna). Guutumaa ibsaa 6:12 irra kan jiru ilaalaa.

▣ **"Baay'ateera"** 2:7 irra kan jiruu mata duree addaa ilaalaa.

▣ **"Aboomamuu hunduma keessanii utuu yaadu"** kun (PRESENT MIDDLE PARTICIPLE). (jechuun, Moulton's Alytical Greak Lexicon Revised, fuula 24) yookaan PRESENT PASSIVE PARTICIPLE (jechuun Friberg's alytical Greak New Testament, fuula 562). Waldaan kiristaana tajaajilootaaf akkam kunuunsa akka godhan waa'ee isaaniitiif waan tokkoo dubbata (I Qorontos 16:16, 1 Tessoollonqe 5:12, Ibiroota 13:7).

**7:16 jechii kun adeemsa barreeffama kana walitti qaba.** 2:14-7:16 isaan irratti kan jiruu amanachuu osoo argisiisu.

▣ **"Amanachuu"** 5:6 irratti kan jiruu yaadannoo addaa ilaalaa.

**Gaaffiiwwan Maree**

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Galmeen Tiitoo Phaawulosiif maaliif barbaachisaa ta'ee?
2. Lakk.8-11 irratti kan argaman "gaddaa fi" kan tuqaman jecha sadan ibsi. Faayidaa xin-waaqummaa isaani wal bira qabi.

# II Qorontos 8

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Kennaa arjummaa | Kennuun guddachuu | Waldaa Yerusaleem gargaaruuf kan walitti qabame (8:1-9:15) | Kennaa kiristaanummaa | Namoonni Qorontoos maaliif kan arjoomanu ta'an |
| 8:1-7 | 8:1-7 | 8:1-7 | 8:1-7 | 8:1-15 |
| | Kiristoos fakkeenya keenya | | 8:8-9 | |
| 8:8-15 | 8:8-15 | 8:8-15 | 8:10-12 | |
| | | | 8:13-15 | |
| Titoosii fi isaa wajjin kan turan | Qulqulloota Yihudaatiif kan walitti qabame | | Titoosii fi isaa wajjin kan turan | Namoota Qorontoosiif kan bakka bu'an |
| 8:16-24 | 8:16-24 | 8:16-24 | 8:16-19 | 8:16-9:5 |
| | | | 8:20-21 | |
| | | | 8:22-24 | |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Ilaalcha qabiyyee

A. Boqonnaa 8 fi 9 walitti dhufenyaa tesumma seera barrefamaa hiyyessotaYerusaalem jiraatan waldaan kirstaanaa Ormootaa horii walitti qabuu kessatti ga'ee Qorontositi 1 Qor 16:1-3.

B. Waldaa kirstaanaa yerusaalemif kennaan Phaawuloos isa duubaa (Background)
   1. Hoj.Erg 11: 27-30 irratti waldaan kiristaan Atsookiyaa hojii gargarsaa yerusaalemif godhamu jalqabde. Waldaa kiristaanaa Ormootaaf yihuudotaa tokko kan godhu ture.
   2. Galaatiyaa 2:10 fi 6:10 Phahuloos ergama isaa jalqaba irratti cimisa walfakataa kennuu jalqaba.
   3. 1 Qor 16:1-4 irratti hojiin walitti qabun horii gargarsaa kun Qorontositti jalqabee ture.
   4. Rom 15:26 irratti hojiin horii gargasaa waltti qabuu Meqedoniyaa Akayiyaatti eramee ture.

C. Waliigala falmii Phahuloos kennaa amantootaa kan ilaalate
   1. Fakenya kanbiraa (Meqedoniyaa) lakkofsa 1-5

2. Kennuun kallatti guddina afuraati lakkofsa 7-8
3. Fakenyaa Kiristoos 9:9,15
4. Mataa isaanitiin jalqaban lakkofsa 6:10
5. Fedha gara gochaatti jijiirudhaaf jajabessu lakkofsa 10
6. Kennuun furtuu hagaa osoo hita'iin kakamsa kesstti
7. Kennun hir'ina guta lakkofsa 5

D. Kaku haaran hundee qajelfama kennuu kan godhatee waldaa kiristaan Meqedoniyaati
   1. Gammachuudhaan kennuu lakkofsa2:9,7
   2. Akka huna isaanitti kennuu lakkofsa3
   3. Humnaa ol kennuu lakkofsaa 3:12
   4. Bilisaan kennuu 3:9,7
   5. Amanamumman kennuu lakkofsa 4
   6. Horii irra kan caalu kennuu lakkofsa 5

## Qayyabannaa jechaaf gaalee

### II Qorontos 8:1-6

**1Yaa obboloota nana, gochaa ayyaana Waaqayyoo isa waldoota kristiyaanaa biyya Maqedooniyaatiif raawwatame akka beektan in barbaana*. 2Rakkinni baay'isee yoo isaan qore iyyuu safara malee gammadanii, deegni isaanii badduu baasa yoo ta'e iyyuu gargaarsa kennuudhaaf safara malee arjoomaniiru; 3isaan jaalaluma isaaniitiin hamma humna isaanii, humna isaanii garagarraattis kennuu isaanii dhugaa nana ba'aaf. 4Warra Waaqayyoof qulqullaa'an gargaaruuf, gochaa ayyaanaa kana keessaa akka hirmaataniif cimsanii nu kadhataniiru*. 5Isaan waan nuyi isaan irraa abdanne caalaa iyyuu godhan; duraan dursanii Waaqayyotti of kennanii, booddee immoo akka fedha Waaqayyootti nuuf of kenan. 6Kana irratti Tiitoos gochaa ayyaanaa isa jalqabe kana, isin gidduutti fiixaan akka baasuuf gorsineerra*.**

8:1 "Ayyana Waaqayyo" "ayyaana" (Charis) kan jedhuu jechi kun boqonnaa sadeeti fi sagal keessatti ala kudhani ol heerameera, fayyadama irra kan olees

1. Karaa Kristoos kan ta'e jaalalli nuti hin gale 8:1, 9:8, 14
2. Simboo/mirga, 8:4
3. Kennaa Yerusaalemiif ta'e, 8:1, 6, 9:8, 14
4. Galata 8:16, 9:15

Ayyaani kan nuti in galle jaalala Kristoos akka argisiisfnuu godhamee akka fudhatamus hubachuun barbaachisaa dha yookaan Phaawulos irraa waldaa kiristaanaa ormootaa Yerusaalemitti kan argamtuu waldaa hosiistuu horii gargaarsaa walitti qabamee akka argisiisuu ta'ee yaadatamuutu irra jiraata. Jechii Girikii hiika bal'aa qaba.

▣ **"Waldaa kiristaana Meqeedoniyaa"** kun Filliphususiin, Tessoollonqee fi Beeriyaa argisiisuu danda'a (Hojii ergamoota 16-17). Meqoodoniyaanitii Akahiyaatti gidduu dorgommii aadaa ta'eetu ture. 1 Qoro 1:2 irratti kan jiru waldaa kiristaanaa kan jedhuu mata duree addaa ilaalaa.

▣ **8:2 "Rakkina baay'eedhaan qoramani utuu jirani"** waa'ee rakkina kanaa hojii ergamoota 17:1-15 fi Tessoollonqee 1:6, 2:14 irratti waan ta'ee ilaali. Gara "rakkina" yookaan "qormaata" (bakka kana irratti immoo gara "rakkina") kan hiikamee jecha Giriki lama qaba. Tokko qoramee gara kuufaatiitti kan geessuu kan biraan immoo qoramee gara milkaa'utti kan geessu argisiisa (lakk.2:8, 22:9, 13). 1 Qoro 3:13 irratti kan jiru mata duree addaa ilaalaa. Qoromsaa fi 2 Qoro 1:4 irratti qorumsa jiruu kan jedhuu mata duree addaa ilaala.

▣ **"Baay'ina gammachuu isaani"** gaaleen kun "baay'ina rakkina isaanii" fi "gadi fageenya hiyummaa isaanii" gidduu galleessatti argamuu isaanii baay'ee nama ajaa'ibsiisa. Wanta miidhuu giddutti gammaduun amala kiristaanaati (5:10-12, Roomee 5:3, Yaaqoob 1:2). Gammachuun ija hafuuraati (Galaatiyaa 5:22) haalaa wajjin walitti dhufeenya hin qabu! Phaawulos irra deddeebi'ee "baay'isuu" yookaan "irraa hafuu" kan jedhuu 1:5 irratti yaadannoo jiruu ilaali.

▣ **"Gadi fageenyi hiyyummaa isaani kennaa soroma isaani baay'iseera"** jechi hiyyummaa jedhuu (jechuun, *ptōchos*) (1) keessa deebii 8:9, Abboota firdii 6:6, 14:15 hiktoota namoota torbaatama irratti hiyyummaa hamaataa kan argisiisuu baay'ee cimaa kan ta'ee jecha Girikiti. (2) Kadhatoota (6:10, Roomee 15:26, Mul'ata2:9, 3:17). Kan irraa hafee irraa miti kan kennan. Waaqayyo fedhii isaani akka isaaniif guutuu amanataniti male (Maariqos 12:42, Luqaas 21:2) qabiyyee kanaan "gadi fageenya hiyyummaa isaani" kan jedhuu Wangeellaaf jedhani rakkina fudhachuu isaani kan argisiisu fakkaata lakk.13-18.

▣ **"Kennaa isaanii"** hundeen jechaa hiiki isaa "akeeka tokko" jechuu yeroo ta'u "dhugaa" yookaan "amanamummaa" jechuu ta'u danda'a (beektootni torbataman hiiki isaani 2 Saamu'el 15:11, 2 Seenaa 29:17). Garu Kakuu Haaraatti fayyadama irra ooleera (jechuun, xalayaa Phaawulos keessatti qofa) "kennuu" yookaan "arjoomu" karaa jedhuun 9:11, 13). Kan Jeroom ibssa macaafa Qulqulluu fuula 284 Jerome Biblical Commentery) akka jedhuu jechi kun "mudaa malee" yookaan "amanamummaa" kan jedhuu jecha Ibiroota akka argisiisu yaaduudhaan waan ta'eef kun kan isaani qulqulluu kaka'umsa keessa argisiisa jedha. Kennaa keenyaa fi kaka'umsi keessa furtuu dha (lakk.12). 1:12 irratti yaadannoo guutuu ilaalaa.

**8:3 Phaawulos rakkina isaanii kallattiin kan argee isaan irrati.**

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Hanga humna isaani"** |
| **NKJV** | **"Akka fedha isaanitti"** |
| **NRSV** | **"Fedha isaanitiin kenan"** |
| **TEV** | **"Fillannoo isaanitiin"** |
| **NJB** | **"Ofi isaanitti irratti wali galun"** |

*autos* fi *haireomai* jechi jedhuu kan dhufee "fillannoo dhuunfaa" kan jedhuu irrati. Fayyadama irra kan oole 2 Qoro 8:3 fi 17 bakka lamaan irratti. Hiikii hundee jechaa jaalalaan yookaan gammachuun fillachuu yaada jedhuu dabalata (Maatihos 12:18, Isaayaas 42:1-3 irratti faarfannaa tajaajilichaa irraa kan heeramee). (1)Lamma Maabiyootaa 2:19 fi sada Maqabihoota 6:6, 7:10 fi (2) Gibxii kan ta'ee kan Kooyinee Papirees keessatti namni tokkoo fedha mataa isaa irraa ka'uudhaan billisummaan kan inni godhuu karaa kana fayyadama irra ooleera.

Roogaar B. Omansiin fi Yohannis Hilingitones irratti (*A Hund book on paul's second letter to the Corinthians by Roger L Omanson and John Ellingtonese*) 2 Qoro ergaa kan barreeffamee yaadannoo irraa hiika ingilli seer luga irratti gaalee kana wal qabsiisuun kan galee irratti akkamitti akka gargar babaasan argisiisa.

Jechii kun tarii qaama hima itti fufee jiruu kan godhame fudachuu danda'u, jechuun, namooti Maqeedooniyaa fedha mataa isaanittin kennan (akkasumas RSV, NRSV, NJB, SPSL) yookaan lakk.4 hordofee kan dhufuu himii kunnis qulqullootaaf kan ta'ee tajaajila akka deggerran arjummaa kana kadhannaa baay'eedhaan kadhate (TEV, NIV, REB, NJB, TNT, FRCL). Kan boodaa hiikii UBS Greak New Testament (kan wali galan gamtaan Macaafa qulqulluu kakuu haara Girikii) keessa kan jiruu tuqaallee ammata. Akkasumas tarii kun ta'uu kan qabuu dha.

**8:4 "Kadhata baay'eedhaan"** gaalee kanaa ilaalchisee 1:4-11 irratti kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

▣ **"Arjummaan kun akka deggeraniif"** "arjummaa" kan jedhuu 8:1 irratti kan jiruu yaadannoo ilaali. "Hirmaachuu" jechii jedhuu (jechuun, Koohinee) yeroo baay'ee namoota Qorontosiif ergaa isaa barreessee keessatti Phaawulosiin fayyadama irra oolera, garuu karaa walfakkatuun. 1 Qorontos 1:9 irratti kan jiruu mata duree addaa ilaali.

1. Kan dhi'aate, walitti dhuufeenya dhuunfaa (jecha wal qabataa Konee yeroo baay'ee fayyadama irra kan oole dhoksa waaqeffannaa kakkaasuudhaaf)
   a. Ilma isaa wajjin 1 Qoro 1:9
   b. Hafuuraa wajjin 2 Qoro 13:14
   c. Hamaadha wajjin miti 2 Qoro 6:14
   d. Tiitoodhaa fi tajaajila Phaawulos 2 Qoro 8:23
2. Kennaa (jecha wal qabataa *koinōnikos*jechuun namni tokkoo wanta kan mataa isaa ta'e kennaadhaan hiru jechuu dha (2 Qoro 9:13)
3. Waan ta'en hirmachuu
   a. 1 Qoro 10:16 (jechuun, dhiiga Kristoosiin)
   b. 2 Qoro 8:4 (jechuun Yerusaalemiin kan jiraatan hiyyeesootaaf kan godhamee horii walitti qabu)

c. 2 Qoro 1:7 (jechuun rakkina keessatti)

"Hirmaachuu" (*koinōnia*) fi "gargaarsa" (yookiis tajaajila, *diakonia*).,) jechi jedhuu giddutti ifa kan ta'e tapha jechaa jira. Jechi kun tajaajilaaf 2 Qoro keessatti yeroo baay'ee fayyadama irra kan ooleedha.

1. Diyaakoonos Diakonos (tajaajilaa) 3:6, 6:4, 11:15, 23
2. Diyaakooni'oo Diakoneo (tajaajiluu) 3:3, 8:19, 20
3. Diyaakooniyaa Diakonia (tajaajila) 3:7, 8, 9, 4:1, 5:18, 6:3, 8:4, 9:1, 12, 13, 11:8

Kristoosiif tajaajilummaa dha. Kan fayyineef tajaajiluudhaaf !

▣ **"Gargaaruuf"** 1 Qoro 16:1 irratti yaadannoo jiruu ilaala.

▣ **"Qulqullootaaf"** qulqulloota kan jedhuu mata duree addaa 1 Qoro 1:2 irratti ilaala.

**8:5 "Duraan dursee fedha Waaqayyootiin mataa isaanii gooftaadhaafis nuufiis kennan malee akka yaadne miti"** itti gaafatamummaa kan qabnu wanta kamiin illee nuyi mataa keenya in hamata. Mataa kee Waaqayyoof yoolaate kennuudhaaf kan hafuu wanti tokko iyyuu hin jiru! Kiristaani itti gaafatamummaa guddina jireenya keenya hafuuraatiif madaali wanta guddaa dha. Amantonni qabiyyee tokkoo illee kan qabnee fi wanta kammin illee itti gaafatamtoota Waaqayyooti. Dhugaan kun ala tokko tokkoo hubachuudhaaf abaomamuu fi dureechoota caalaa namoota hiyeechaas salphata.

**8:6 "Tiitoo"** Phaawulos keessatti Apostle of the heart set free, F.FBrus boqonnaa 10-13 kutaa xalayaa durseetikan jedhuu tihoori irratti yaada isaa kenneera. "Garuu kun 12:18 sirritti kan hiikamee ifatti 8:6 16-19 gara duubaatti kan argisiisuu kan fakkaatudha".

▣ **"Hojii kanaan"** kun kan argisiisuu Phaawulos irraa waldaa kiristaana ormootaa Yerusaalemitti kan argamtuu waldaa hosiiftuu keessa kan jiran hioyeecoota hori walitti qabnee dha (1 Qoro 16:1-4, Roomee 15:26) Jesus and the rise of early Christianity, kan jedhu keessatti Phaawulos garbummaa (Paul Barnett) walda kiristaana Yerusaalem keessatti hiyeechoota jiran gargaaru kennaa jalalaa kana argisiisuuf Phaawulos kan fayyadamee jechoota adda addaa karaa dansaan kaa'a.

Horrin gargaarsa walitti qabun matumma isaatti karaa adda addaatiin kan ta'e jechaan mul'ifameera "qulquullootaaf walitti qabun" (1 Qoro 16:1) "kennaa" (1 Qoro 16:3) "ayyaana" 2 Qoro2:6, 7, 9, 9:14 "tajaajila" (2 Qoro 9:12, Roomee 15:27) fi "tokkummaa" (2 Qoro 8:4, 9:13, Roomee 145:26).

## II Qorontos 8:7-15

**[7]Ammas wanta hundumaatti amantitti dubbitti, beekumsatti, dhimmuutti, jaalala nuyi isin gidduutti qabsiifnetti kennaa irraa hafaa akkuma qabdan, gochaa ayyaanaa kanattis kennaa irraa hafaa qabaadhaa*! [8]Kana jechuun koos warri kaan ayyam akka dhimman argisiisuudhaan jaalalli keessan dhugaa ta'uu isaa qoruudhaaf malee, isin abboomuudhaaf miti*. [9]Isinoo gaarummaa gooftaan keenya Yesus Kristos ayyaana isaatiin isiniif kenne hubattaniittu; inni baadhaadhaa utuma jiruu deegaa ta'uu isaatiin isin badhaasuudhaaf isiniif jedhee deegaa ta'e*. [10]Gochaa isa bardheengaddaa jaalala keessaniin hojii irra oolchuu jalqabdan itti fufuun isiniif ba'eessa jedheetan yaada koo kenna*. [11]Egaa jaalala keessaniin waa gochuudhaaf qophaa'oo akkuma taatan waanuma qabdaniin hojii irra oolchuu isaas fiixaan baasa! [12]Namni kennuudhaaf qopha'aa erga ta'ee, wanti inni dhi'eessu sun akka humna isaatti fudhatamaa ta'a malee, humna isaa garagarraatti miti*. [13]Kanas ofii keessaa akka baaftaniif utuu hin ta'in, gara lachuuf iyyuu akka wal qixxaatu jechuu koo ti. [14]Wanti isaan irraa hafuuf jiru qaawwa dhaba keessanii akka isiniif duuchuuf gargaaraa! Akkasitti gara lachuuf iyyuu wal in qixxaata*. [15]Caaffanni qulqullaa'aan, "Isa baay'ee bu'ateef homtuu irraa hin hafneef, isa xinnoo bu'atetti homtuu itti hin hir'anne" jedha*.**

**8:7 "Haa ta'u malee waan hundumaatiin, akkairraa haftan"** kan tarrefame yaadadhu (jechuun, amantii, jechaan, bekumsa, damaqinsa, jaalala) isaankun wantootaa wajjin kan walqabatu miti. Mataa keenyaaf wanta caalu argachuu dhaaf jecha hilaannu. Isatti jiraanna (1 Qor 1:5). Waan nubarbaachisu inni nuuf qopheesa (9:8).

▣ **"Irraa haftan"** jechichi sagalee kan keessattii yeroo lama fayyadamarra oleera. Inni jalqabaa PRESENT ACTIVE INDICATIVE dha, ebba Wangelatiin irraahafiniru. Inni lamataa PRESENT ACTIVE SUBJUNCTIVE DHA ta'u kan qabu garuu kan dabalu. Kaku haaraatti bu'a akka buufatan, dirqammi isaaniis buufachuutuu irra ture. Hiyyesota waldaa kiristaana Yerusaalem jiran gargaaruun isaan kannaraa "hojii arjummaa" kessaa tokko dha.

▣

**NASB** **"isin kesatti jaalala qabsifneef"**
**NKJV, TEV** **"jaalala nuuf qabdaniif"**
**NRSV** **"waa'ee kesannif jaalala qabnu"**
**NJB** **"jaalala kenyas dabalatee**"

Hikonni kun addaddummaa hika Girikii agarsisa.

1. "Waa'ee kesannif jaalala qabnu" (NRSV) MSS P 46,
2. "Jaalala nuuf qabdan"(NKJV, TEV, NIV) MSS a, c, d, e, f
3. NASB filannoo lakkofsa tkkorra jiru qabata, garuu sutaa jedhee xiyyaafannoo isaa jijiira, "isin kesattii jaalala qabsineef"
4. UBS[4] barrefama kesatti lakkofsa tokko irra kan jiru filannoo qabachuudhaan,garuu "c" irratti ramada

Kan Girikii irratti lakkofsa 9 irratti bifa tokko kan ta'e kan bita namatti galchu garaagarummaa maqadhaalaa qaba.

**8:8 "Ajaja akka kennuuti hinjedhu"** ajaja nannoraa kiristanummaa adaraa fudhuun sirri fi bu'aa kan fidu miti. Srri kan ta'e kaka'umsi kessa jirenya kiristanummatifi naannoon bayyee barbachisaadha.

## Mat dure addaa: Kurnoo

Luqaas 11:42 fi Mat. 23:23 waa'ee kurna qopha isaani kan kakuu haara kan dubbaatan. Kakuu haaran waa'ee

kurnoo in barsiisa kan jedhuu amanta in qabu sababii isaa kun kan wali-gala kan yoommiif eessa "wantoota xixiqqoo irratti kan xiyaafatuu" seera qabeessuma Yihudootaa fi tola mataa ofi mormuu isaati. Ani kanan amanuu kan kakuu haara qajeelfamni, waa'ee kennaa dhaabaata (isaaniis yoo jiraata) kan argamaan 2a Qor 8 fi 9 irraatti yeroo ta'uu, innis kurnoo baasuu irraa fagaate in deema Yihudooti, ragaan Kakuu Moofa qophaa isaa harka dhibbaa keessa 10-30 akka kennuu yoo abboome (Kakuu Moofaa keessatti lamaa, akkasumaas sadii kan abboomaman buusiin jiruu), eega kiriistaani waan jedhamuu olii dirqama kennuu qaba, waa'ee kurnoo mari'achuufiis yeroo in qabaatuu!

Amantootni kakuu haara dirqamatti of-eegachutuu irra jiraata Kiristaanummaa gara wanta haara gocha xiyaafataa seera akka in fidne (kiristanumaa Talmuud). Kan saani Waaqayyoon gamachiisu barbaadu kara hundumaa naannoo jireenya qajeelfamaa akka barbaadan sababa isaaniif ta'a. Ta'us, kara barumsa Waaqayyummaa kakuuwwaan moofaan seerata, isaaniis Kakuu Haaraati akka cimaan kan hin godhamne (Hoji Ergamoota 15 safartuu Qanoon gochuun bal'adha, keessumatti isaan (lallabdoota ammoyyamaniin) cimsani yeroo qabamaan, kan badiisa yookaan kan sooromaa fi sababoota akka ta'an jedhamee yeroo fudhatamuu (Mikiyaas 3).

Bakka kanati xiqsii gaariin jira, Frank Stagg, *New Testament Theology*, fuula 292-293

> "Kakuu Haaraan al-tokkoos, kurnoo baasuun ayyaana kennuu in beeksisu. Kurnoon kakuu haaratti kan dubbatamee ala sadii qofa:
>
> Farisoonni to'achhuuf isaaniis firdii qajeela, haraara, fi amantaa calisuudhaan wantoota xixiqqodhaaf xiyaafannoo kennuudhaan omisha naannoo mana hundumaa kurnaa baasudhaan (Mat. 23:23 Luqaas 11:42), (2) Of-tuula kan ta'ee Farisichaa bakkee baasuun, innis mata isaatiif kan kadhatuu turban hundumaa al-lama akka stoomu qabeenya qabu hundumaa kurnaaffa akka baasu of-himuudhaan kan inni dubbatuu (Luqaas 18:12), fi (3) Waa'ee caalma Malkaa stadiiq, akkasumaas isarraas waa'ee Yesuus, Lewootaan (Ibiroota 7:6-9).
>
> Yesuusi kurnaa seera mana qulqulluumma akka ta'ee mirkaneessuun isaa ifaadha, innis akka qajeelfamaa fi shaakala wali-gala kan mana qulqulluumaa fi shaakala Makuraabi akka degree. Haa ta'uu malee wanta tookkoollee kuta kan ta'ee kan mana qulqullummaa waaqeeffanawwaan duuka-bu'oota isaa irratti fe'uu

isaatiif wantii argisiisuu hin jiru. Buusiin baay’inaan oomisha irraa innis dursee mana qulqulluumaatti kan nyaatamu, kurnaa kan baasu, boodarra Lubbootaan kan nyaatamu ture. Kurnoo baasuun Kakuu Moofaatti kan raawwatamuu, ta’uu kan qabu seera amantiitin, innis haarsa horiitiin seera wajjiin kan ta’edha. Kiristaanootti baay’een kurnoon waan sirrii raawwatamuu kan qabuu karoora kennuu akka ta’ee fudhatu. Dirqamummaa yookaan seera-qabeessa kan ta’e seerri hagaa hin jireetti inni kan gammachuu ta’uu in danda’a. Ta’us, eenyuullee yoo ta’e kurnoon kakuu haaratti barsifameera jedhani sirrimtti mormuun hin danda’amu. Inni sirrumma akka qabu Yihudootaan kan kabajamuu ta’a (Mat. 23:23, Luuqas 11:42). Haa ta’uu malee kiriistanoota irratti fe’amuu hin qabu. Dhuguumatti amma Yihudootaafiis ta’e kiriistanoota Kakuu Moofa siruummaa kurnoo baasuun hin danda’amu. Amma kurnoo baasuun kan inni fakkatuu shakaala waaqeffannaa dur ii, innis kan Yihudoota seera haarsaatti.

Paul Stagg yeroo guduunfuu:
“Ammamillee baay’ee yoo jedhamees kurnaa fedha ofittiin baasuun akka dhabbataat eenyuun illee humnaan utuu itti hin fe’amiin innis kan biraa irrratti akka safartuu kiriistanumaati bifa ta’een, ifa ta’u kan qabu shakaala kana fakkaatan, Kakuu Moofaati godhamudha, innis akka gibiraati ta’ee, mana qulqulluumaa fi seera lubbota, seera hawaasumma fi amantii degeeruudhaf, kunnis isa booda kan hin jireedha. Buussiwwaan Yihudoota birratti dirqisisaadha akka gibiraati, amma digaamsa mana qulqulluumma, waggaa haraara bara 70 haa ta’uu isaan kiristanoota irratti dirqiisisuu in danda’aan. Kunni kurnoof gatii kennuuf miti, haa ta’uu malee kakuu haara wajiin walitti dhuufenya qabuu ibsuudhaaf innis Kakuu Haaraan dirqisisuumma, seera qabeessumaa, bu’aa barbaacuu akka hin degerre argisisuuf yeroo ta’uu akkasummaas amma kan argamuu falmii gatii amala kan qabu haala buusi. Akka seera fedhaan, kurnoo baay’iinaan baasa, garuu dirqamatti ayyaanyaan ta’uu qaba, gara kiriistaana yeroo dhufu. ‘In baasa’ jedhani falmuun kan biyyaa akka barbaadeetti kan hojeetu yaalliidhaaf akka fudhati lakkaa’ama. Baayinaan “in baasa” kiristanummaa miti. Kurnoo, kakuu haaratti barumsi Waaqayyumaa beekamtii kan laatu yoo ta’ee, dirqamaatti hunda’u kan qabu ayyana Waaqayyootiif jalaala irratti.”

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Haa ta’u male karaa danmaqinsa kanbiroon dhugummaan jaalala kesanni immoo nanqoraa jedha”** |
| **NKJV** | **“Haa ta’u male karaa danmaqinsa kanbiroon dhugummaan jaalala kesanni immoo nanqoraa jedha”** |
| **NRSV** | **“Haa ta’u male karaa qajelummaa kanbiroon dhugummaan jaalala kesanni immoo nanqoraa jedha”** |
| **TEV** | **“Haa ta’u malee hubachuudhaaf kabiroon hagam dammaqoo ta’u isaan Dhugummaan jaalala kesanni immoo qoruun yaala jedha”** |
| **NJB** | **“Haa ta’u male karaa yaada kanbiroof qabdan dhugummaan jaalala kesanni immoo nanqoraa jedha”** |

Phawuloos waldaankiristaanaa Akayaa fakkenya waldakiristaanaa Meqedoniyaa akka hordofan (lakkafsa 1-5) dawannaa Titootin (lakkofsaa 6:16-24) kan sochosaa jirudha.

▣ **“Sakata’uu”** 1 Qor3:13 irratti kanjiru mataduree addaa ilaali.

**8:9 “kennaa arjummaa”** irra kanjiru yaadannoo ilaali.

▣ **“Kan goftaa Kenya Iyesuus Kiristoos”** 1:2 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **“Durecha yammuu ta’u”** kun kan agarsiisu ulfina Kiristoos biyyaa lafaa dura qabudha. (Yoh 1:1, 856-59, 16:28, 17:5,2 4, 2 Qor 8:9, Filmonaa2:6-7, Qol1:17, Ibirota 1:3, 10:5-8, 1 Yoh 1:1).

▣ **“Waa’ee keessannif hiyecha ta’e”** kun cimsa kan latu jecha duraan turee (Logos) Betelemitti dallaa horitti foon uffachuu isaa irratti dha. Dubara dargageetti, durbaa mucaa qottuu, badiyyaa maatii muka softuu gidduutti dhalatee ture, garu inni mataan isaa bifaa namattin mul’ate Wayyoon ture (George Ladd, A theology of the New Testament, fuula. 241-242).

▣ **“Isin hiyummaa isaattin durecha akka taatan”** phahuloos foon uffachuu Yesuus kara lama lafa kaa’a.

1. Waa'ee cubbuu kenyaatif bakka Kenya du'uu dhufe (Mar 10:45).
2. Fakkenya dukaa bu'uun nrrajiru akka duukaa buunuuf dhufe (1 Yoh 3:16).

Yaadi ajaa'ibsiisaan kun 9:15 wajjin wal cina deema. Waldaan kiristaana kun duraan dursani sooressa akka turan in yaadu (1 Qoro 4:8). Amma sooromni inni dhugaan dhoksaan isaa kan hafuuraa fi tajaajila geggeessaa kan godhatee dha, fedhii mataa ofii barbaaduu kan hin taanee yookaan kan sammuu kan ta'e yookaan wantoota miti.

**8:10 "Wanta kanaan gorsa in kenna"** ta'us Phaawulos yaada mataa isaa ta'uu isaa mirkaneesa, 1 Qoro 7:25, 40 irratti sababa waa'ee yaada kenneeti. Kun aboon kan guute (jechuun, kan hafuura kan ta'e hima.

▣ **"Bara darbee jalqabdanii"** 2 Qoro kan barreefamee 1 Qoro kan barreefamee ji'a ja'aa yookaan saddeeti booda ture (2 Qoro 16:1-4).

**8:11 "Gochuus immoo raawwadhaa"** kun AORIST ACTIVE IMPARATIVE dha. Yerusaaleemiin kan turte waldaa hiyyeetti gargaaruudhaaf kan kaka'aan warra jalqabaa turan. Amma kana gochuuf yeroo isaati (TEV).

▣

**NASB, NKJV "Qophaa'uu"**
**NRSV "Hawwuu"**
**TEV "Barbaaduu"**
**NJB "Kaka'uu"**

Perotomiyaan kun (Prothumia) kan jedhuu jecha Girikiti dabalataniis lakk. 12 fi 19 akkasumas 9:2 irratti. Hiiki hundee qabeessi isaa "qophaa'uu, hariitiidhaan" jechuudha Hoji ergamoota 17:11.

▣ **"Akkuma jirtan kanatti raawwachuun immoo haa ta'uudhaaf"** Phaawulos ammas gara yaada guddaa kanaatti akka deebi'uu hubadhu. Phaawulos dhaabbataa kan ta'ee kennaa kiristaanummaa kaasuu dhiisuun isaa baay'ee na ajaa'ibsiisa. Kennuu irratti kan inni kennuu yaadi isaa qophaan kennaa al tokkoo qofa kan ta'ee waldaa kiristaanaa Yerusaleem kanatti kennaa irratti.hojeetaan miindaa isaa mirga argachuu akka qabuu akkasumas waldaan kiristaanaa kan deemaan ergaa Wangeellaatiif gargaaruu akka qabduu in amana, garuu dabalata kan ta'e qajeelfama in lanee.

Amantoonni Kakuu Haaraa seera barsiifata Kakuu Moofaa jecha jechaan Kakuu Haaraa wajjin adeemsiisuudhaaf yeroo fudhatanii baay'ee of eegachuutu irra jiraata (Hard Sayings of The Bible, fuula 539 jalatti yaadannoo #1) irratti ilaalaa. Kurnoon fedha Waaqayyoo ta'uu isaa yoo mirkaneefannee kan biraa kan Kakuu Moofaa seera aarsaa fi guyyaa ayyaannaa maaliif in eegnuu? Yesus seera eegaa Yihudoota tokkoo wajjin yeroo falmuu waa'ee kurnoo heerera (Maatihos 23:23, Luqaas 11:42) kun garuu kan Kakuu Haaraa qophaaa isaa ragaa dirqama Kakuu Moofaa gochaa yeroo hundumaa ta'uun isaa akka mirkaneefatuu godhamee dubbachuu in danda'u (8:8 irratti kan jiruu mata dure addaa ilaali). Amantiinni kennaa isaan kennan gatii dhabsiisuudhaaf kanan dadhabuu miti, garuu akka ragaa Kakuu Haaraatti kan ta'ee 2 Qoro 8-9 irratti kan jiru irratti qajeelfama Phaawulos irratti wanti cimaan kennuudhaaf male (dabalataniis 1 Qoro 16:2 ilaali). Amntootni Kakuu Moofaa safartuu Kakuu Moofaa qabachuu hin qaban! Ergaa Phaawulos irra deebi'I dubbisi (Sitaag Afrikaa kakuu haara ibsa xin-waaqummaa fuula 285-293) ilaali.

**8:12 "Yoo jiraate"** Phaawulos kennuudhaaf qophaa'oo ta'uu isaaniitii fi fedha akka qaban in tilmaama.

▣ **"Amma qabantuu kan jaallatamee ta'a malee waan hin qabne miti"** galfati furtuu kiristaanummaa keessa miira keenyaa fi amala keenya malee hagam akka ta'ee fi harka dhibba keessaa meeqa baasuu keenya irratti miti (Maariqos 12:41-44).

**8:13-14** Isaan lakk.lamaan kana keessatti jechi furtuun "sirrii" kan jedhuu dha qabatamaan inni guddan immoo kennuuf fudhachuu dha. Maatiin Waaqayyoo wali wali isaani wal deggeeru qabu (Efesoon 4:28). Waldaan Yerusaaleem misirachoo Kristoos tamsaasteeti (Roomee 15:27). Waldaan kiristaana ormootaa immoo waldaa kiristaanaa Yerusaaleem keessatti kan jiran waan isaan barbaachiisu dhi'eestuu irra jiraata. Tokko tokkoo sababni isaan hiyyeesa ta'aaniif tarii waa'ee Kristoos amantii argisiisaniif ta'uu danda'a.

▣ **"Rakkina"** 2 Qoro 1:4 irra kan jiruu rakkina kan jedhuu mata duree addaa ilaalaa.

**8:15 "Jedhamee akka barreefame"** kun PERFECT PASSIVE INDICATIVE (jechamni Hibirootaa) waabii Kakuu Moofaa argisiisuudhaaf fayyadama irra oole Macaafni qulqulluun Waaqummaadhaa fi hafuura sagalee bara baraa ta'uu isaani argisiisa. Barreefamichi kan fudhatamee Israa'eloonni tokkoon tokkoon isaani kan isaan ga'uu walitti qabachaa kan turan dinqii Maanaa wajjin wal qabateeti (Ba'uu 16:17, 18). Amantootni Waaqayyoon amma aboomamanii fi amanataan kan isaan barbaachisuu hundumaa isaaniif qopheesa (Maatihos 16:19-34).

## 2 Qoro 8:16-24

**[16]Waaqayyo isa Tiitoosin akkas baay'isee akka isiniif dhimmu godheef galanni haa ta'u! [17]Tiitoos yaada nuyi itti dhi'eessine fudhatee, ofii isaatiis caalaa waan dhimmuuf jaalaluma isaatiinisin bira dhufu isaa ti*. [18]Isaa wajjin obboleessa isa wangeela lallabuutti waldoota kristiyaanaa hundumaa biratti beekamaa ta'e erguu keenya*.[19]Obboleessi kun beekamuu duwwaa utuu hin ta'in, gochaa ayyaanaa isa ulfina goofticha atiif, fedha gaarii qabnu argisiisuudhaafis itti fufaa jirru keessatti, nuyii wajjin akka adeemuuf immoo waldoota kristiyaanaatiin fo'ameera. [20]Qabaa horii baay'ee gargaarsaaf walitti qabamekanaa irratti namni tokko illee maqaa gadhee akka nuuf hin kenninetti oolchuudhaaf in dhamaana. [21]Akeeki keenya fuula gooftaa duratti duwwaa utuu hin ta'in, fuula namootaa durattis immoo wanta galata qabu hojjechuu dha*. [22]Egaa nuyi obboleessa keenya tokko immoo waan baay'eetti qorree, si'a baay'ee dhimmaa ta'uu isaa bira geenyee, jara kanaa wajjin erguu keesnya; innis guddaa waan isin amanteef amma caalchisee iyyuu in dhimma. [23]Tiitoos garee koo ti, isiniif hojjechuuttis hiodhata kooti; obboloonni koo kun waldoota kristiyaanaa biraa ergamanii, ulfna Kristos argisiisu*. [24]Jaalala keessan itti argisiisaa! Kanaanis jara kanatti isin jajuun keenya dhugaa ta'uu isaa waldoota kristiyaanaa biratti mul'isaa*!**

**8:16-24 "Haa ta'uu malee keessa Tiitooti waa'ee keessan damaqina sanaa Waaqni kennee haa galateefamu"** Efesoon 4:12 irratti kan jiruu waa'ee namoota Waaqayyoo tajaajila adda addaatiif qophaa'uu isaani hubannoo Phaawulos hubadhu. Waa'ee dhimma ijoollee namaa keessatti kan akkasii kan Waaqayyoo geggeessuu bara baraa hubachuun Mul'ata 17:17 irratti argameera. Kun bittaa Waaqayyummaatii fi kan namoota dhoksaa fillannoo bilisaati.

## MATA DUREE ADDAA: FILANNOO /PREDESTINATION AND THE NEED FOR A THEOLOGICAL BALANCE

Filannoo (yaada:wanti ammas ta'e fuula durattis ta'uuf jiru hundi dursee waaqayyoon murteeffameera jehdu (Predestination) fi barbaachisummaa madaallii (balance) barnoota hafuuraa. Filannoon seera (doctrine) hedduu gaariidha.Haata'u iyyuu malee garuu filannoon waamicha namoonni ittiin warra jaallatan fayyadan (favoritism) utuu hin taane,namoonni biraan akka ittiin cubbuu isaaniirraa fayyaniif akka meeshaatti fi karaatti ta'ee fayyadudhaaf.Kakuu moofaa keessatti jechichi gara caalu tajaajilaaf fayyada ture; Kakuu Haaraa keessatti jechichi irra caalaa fayyinaaf (salvation) isa tajaajlaa keesssaan muldhatuuf fayyada ture. Kitaabni Qulqulluun taumaa yaada waayee walabummaa (sovereignty) Waaqayyoo fi Walabummaa fadha ilmaan namaa( human free will),isa faallaa walii fakkatu waliti hin araarsu,lamaanuu isaanii iyyuu cimsa malee. Yaada Walabummaa Waaqayyoo(sovereignty) fi fedhii walaba namootaa ( human free will) ilaalchisee fakkeenyi gaariin Gara Warra Roomaa 9 Waayee walabummaa waaqayyoo ilaalchisee ,Gara warra Rooomaa 10 immoo Waayee deebii (response0 namoonni deebisuu qaban iidha (cf. 10:11,13).

Yaada barumsa amantii hafuuraa kana ilaallatu irratti dubbiin ijoo efesoon 1:4 irratti muldhata. Yesuus nama Waaqayyoon filatameedha,namootni hundi immoo isa keessatti filatamu.(Karl Barth) Yesuus fadha ilmaan namootaa warra cubbamootaatiif (fallen mankind's need) "eeyyee" (Yes) Waaqayyooti.(Karl Barth).Efesoon 1:4 yammuu dubbifannu kaayyoon dursee murteessuu (predestination) Waaqayyoo mootummaa Waaqayyoo (heaven) utuu hin taane, qulqullummaa (holiness) yesuusiin fakkaachuu ta'uu isaa cimsee ibsa.Yeroo hedduu gara bu'aalee (faayidaalee) Wangeelaatti achi harkifamnee dirqama wangeelli (waaqayyo) nu irraa barbaadu immoo irraanfanna,waamichi,(filannaan )Waaqayyoo Yeroodhaaf ( for time) akkasumas imoo jireenya barabaraatiif.

Seeronni (doctrines) kan isaan dhufan (muldhatan) dhugaalee kanneen biraa waliin wal cina qabamuudhaani malee qophaa isaanii miti.Kana jechuunis dhugaalee walitti dhufeenya hin qabne miti jechuudha. Kanaaf ffakkeenya gaarii kan ta'u tuuta urjii fi urjii tokkittii kophaa jirrtuudha.Waaqayyo dhugaa karaa baha biiftuu muldhisa malee Karaa gosa dhihaatiin miti. Dhugaalee seeraa wa nttota faallaa ta'an lamaaniin uumaman irraanfachuu hin qabnu:

1. Dursee murteessuu( waan duursee murteeffamee) fi Fedhii namaa isa walaba( predestination vs Human free will)
2. Nageenya amantootaa fi barbaachisummaa (perseverance)
3. Cubbuu dhaalaa fi cubbuu utuu beekanii hojjetan
4. Cubbuu malee ta'uu (perfectionism) fi cubbuu muraasa hojjechuu( sinning less)
5 . Jalqbumaan battalumaan fayyuu fi ququlleeffamuu fi qulqullaahuu yerrodhaa gara yerootti fooyya'u suuts suutaan) progressive sanctification).
6. Walabummaa fi itti gaafatamummaa kiristaanaa ( responsibility Vs sovereignty)
7. waaqummaan isaa kan daaangaa hin qabne ta'uufi ala tokichaan bakka hunda jiraachuu Waaqayyoo(God's transcendence Vs God's immanence).
8. Waaqayyo tasumaa kan hin beekamne( ultimately unknowable) fi Yaada waaqni kitaaba qulqulluu keessatti ni beekama jedhu.
9. Mootummaan Waaqayyoo akka amma ta'ee fi Oogummaa madaallii hin qabne kan gara fuula duraa (future consummation)
10. Qalbii geeddarachuun akka waan kennaa Waaqayyoo ta'eetti ilaalamuu fi qalbii geeddarannaan deebii dhala namaa kan waadaa irratti hundaaye ta'uu(covenantal resppose)
11. Yesuus akka Waaqaa fi yesuus akka Namaatti
12. Yesuus Waaqayyo abbaa wajjin wal qiixa yaada jedhuu fi Yesuus Waaqayyo abbaadhaaf kabaja kenna ( subservient) yaada jedhu.

Yaadni amantii ( Theological co ncept) "Waadaa"(covenant) walabummaa Waaqayyoo isa yeroo hunda ajandaa qopheessu warra utuu wal irraa hin kutin yaada qalbii geeddaratanii deebii amantii lmaan namootaa wajjin tokko isaan taasisa.Yaadawwan faallaadhaan walcina kaa'aman kanneen gar rokkee qofa fudhachuun gara kaan immoo akka hin daganne of eeggadhaa! Yaada amantii isa isinitti tolu qofa akka hindubbannes of eeggadhaa!

8:16-24 lakk.16-24 keessatti kan jiran beekamtii Tiitoof kan kennee xalayaa fakkaata. Yaadannoo guutuu 3:1 irraa ilaali. Kan Tiitoo ifatti seenaan jireenya akiina kanatti fufee dhi'aata

1. Tiitoo Phaawulos baay'ee kan amanatuu kan wajjin tajaajilan keessa isa tokkoo dha. Rakkatoonni kun gara itti baay'atanitti kan Qarxeesii fi waldaan kiristaanaa Qorontos kanaaf dhuga baati dha.
2. Inni guutuumma guutuuti orma (Ximootihos walakkaan isaa Girikii ture) lalaba Phaawulosiin jijjirame. Phaawulos akka inni dhaqna hin qabanne dhorke (Galaatiya).
3. Yeroo baay'ee xalayaa Phaawulos keessatti heerameera 2 Qoro 2:13, 7:6-15, 8:6-24, 12:18, Galaatiya 2:1-3, 2 Ximootihos 4:10) luqaas hojii ergamoota irratti maqaa isaa heeruu immoo ajaa'ibsisa dha. Tokko tokkoo ibsa kan laataan (Commentaries) waa'ee yaadaa kanaa laatu (1) Tarii fira Luqaas ta'a yookaan (2) Waa'ee jireenya Phaawulosii fi tajaajila isaa Luqaasiif burqaa gaarii kan ta'ee Tiitoo dha kanaafuu akka Luqaasiti hin heeramne.
4. Hojii ergamoota 15 irratti akka heerameetti Phaawulosii fi Baranabaasi wajjin Yerusaaleemitti kan godhamuu walga'ii hirmaachuudhaaf in deema ture.
5. Gara Tiitootti xalayaan barreefamee akka argisiisuutti Phaawulos tajaajili inni Qarxeessi qabaatu Tiitoodhaaf gorsa inni kennuu naannoo sana ta'a. Tiitoon Phaawulosiin bakka bu'eeti kan hojjetu.
6. Waa'ee Tiitoo kan jiruu ragaan inni dhummaa Kakuu Haaraa gara Dalmaatiyaatti tajaajilaaf ergamuu isaati (2 Ximootihos 4:10).

**8:16 "Laphee"** Phaawulos jecha kana 2 Qoro keessatti yeroo baay'ee fayadama (1:22, 3:2-3, 15, 4:6, 5:12, 6:11, 7:3, 8:16, 9:7). 1 Qoro 14:25 irratti kan jiruu mata duree addaa ilaalaa.

**8:18 "Isaani wajjin waa'ee lallaba Wangeellaa waldaa kiristaanaa hundumaati obboolleessa galateefame ergina"** seenaan waldaa kiristaanaa akka agarsiisuuti kun Phaawulos wajjiin hojeechaa waan tureef, Luqaasi dha. Phaawulos wajjin in adeemu kan turan Hojii ergamootaa 20:4 irratti maqaan isaanii namoota tarreefamee keessaa maqaan Luqaas in heeramne, garuu "nu'i" kutaan jedhuu, Luqaas jiraachu isaa kan argisiisuu fi Hojii ergamootaa 20:5-6 irratti inni jalqabaa qabiyyee kana keessatti in heerama (Origen Recorded In Eusebius' Hist. Eccl. 6:25, 6 A. T. Robbert Son's Word pictures in the New Testament fuula 245).

FF. Birus Phaawulos: Apostils of the heart set free Tiitoodhaaf Luqaas obbollaa ta'uu isaani yaada kenna.

"Kun Phaawulosiidhaan nama amantaan guddaan waan irratti gatamu ilaalachiisee kan akka kanaa cal jechuun Luqaas tokkoo kan ibsamuu kara Tiitoo obbolleessa Luuqaas waan ta'eefi dha" W.M. Ramsay, st, Paul the traveler and the Roman citizen (London, 1895), P.390, luke the physician and other students (London, 1908), fuula 17 ilaalaa. A. Souter, A.Suggested relation ship between Titus and Luke, Expository times 18, 1906-7), fuula 285 fi "The relation ship between Titus and Luke, ibid fuula 335. Kun garuu walitti dhufeenya yeroo cimsuu, isa irraas 2 Qoro 8:18, Luqaas "obbolleessa"carraan ta'uu hafeera. Kana "obbolleessa" Tiitoo wajjin ergamuu isaa, kaayyoon Phaawulos horii gargaarsa kanaa bulchuu kan ilaalatee wabbii dhugummaa isaa argisiisuu akka ta'uuf ture, isaan kana lamaan gidduutti hidhati dhiigaa akka jiruu ilaalcha kan harkisuu yoo ta'ee garuu ceephoo kan kaasu ta'eetu kaayyoo kana abdii kan kutachiisu ta'a ture. Dursa shakkiin ture guddisuudhaaf kan biraan kan dabalamuu hin jiru (fuula 339 #5 yaadanno kanaa gadii ilaali).

M.R.Venseenti qayyabannaa jecha yaada biraa qabaata.

Namni heerame bifa adda addaatiin kan argisiisuu obbolleessa Tiitoo irraa, Luqaas irraa, Baranabaas irraa, Maariqoosii fi Axenxoon Roomee 16:5 irratti kan heeramee wajji nidha. Waa'een Axinixoon kan argamee waabii akka argisiisuuti galataa fi Ebiyanoos (Praise, Epainos) giddutti tapha jechaa jiru irratti dhiibbaa geesisaa turu isaati. Axenexoon jechuun galati kan ta'uuf jechuu dha. Kana wajjin wal cina kan adeemu waa'ee dhimma Onesmoos Phaawulos irraa hafaa kan jedhuu jechuu isaatiin kan heeruu yemmuu ta'u kunnis kan fayyaduu kan jiruu wajjin heerameera. Fillimoonaa 11 (fuula 8:30).

**8:19 "Waldaa kiristaanaatiinismmo filame"** *cheirotoneō*, kan jedhu gochami "bayyee" fi "dirirsuu" jecha jedhurraa argame. Jalqabumtii isaa harka kaasuu wajjin kan adeemuudha. Hoj.Erg 14:23 kessatti kan jechu isaati jechuu ta'u hin danda'u, garuu asittii 2 Qoro 16:3 irratti kana argisiisuu danda'a.

Asitti kan biraa gamtaa adda addaa wajjin wal qabataa kan ta'uu fakkeenya bulchiinsa gamtaa qaba. Yaadannoo guutuu 16:3 irratti ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Hojii arjummaa kanaan nuu wajjin akka deeman"** |
| **NRSV** | **"kennaa arjummaatiin nu wajjin akka deeman"** |
| **NKJV** | **"Hojii arjumaa kanaan nuu wajjin akka deeman"** |
| **TEV** | **"Tajaajila jaalala kanaa hojii irra yeroo oolchinu nu wajjin akka deeman"** |
| **NJB** | **"Hojii arjummaa kanaan nuu wajjin akka deeman"** |

Phaawulos yeroo hundumaa horii seeran qabachuu dhiisuun isaa komii irra ga'uuf shakki qaba (lakk.20, 11:9, 12). Kanaafis waldaa kiristaana ormootaa waldaa Yerusaleem hiyyeesoota jiran kennaa arjummaa walitti qabamee bakka adda addaa irraa kan ba'an bakka bu'ooti baay'een isaa wajjin ta'ani akka ittiin ga'aan barbaada.

▣ **"Kan gooftaa ulfinna isaatii fi kan keenya fedha of kennuu argisiisuudhaaf**" kennaa horii kan ta'ee kennaan kun kaayyoo baay'ee qaba. Lamanuu as irratti heerameera.

1. Gooftaa ulfessuudhaaf
2. Lafa Palastaaheen kan jirtuu waldaa hosiiftuu gargaaruudhaaf waldaan kiristaanaa ormootaa fedha isaani argisiisuudhaaf kun tarii Phaawulosi garee Yihudoota ta'e qaama waldaa Addunyaalessaa amantoota ta'an damaqina qabuuf amanamummaa isaa akka

argisiisuuf gargaara. Ulfina, kan jedhuu mata dure addaa 1 Qoro 2:7 irratti ilaalaa.

"Isa irraa" wajjin kan wal qabtee barreefamni Girikii garagarummaa qaba. Kun kan wali wajjin kan ta'ee maqa dhaala (Pronoun) bifa lamaan ilaalameera.

1. *auto* – MSS a, D 1
2. *autēn* – MS P

3. Seera barreefamaa keessatti MSS B, C, D, F, E fi MSS B, C, D, F, G and L (NJB) utaala.

UBS4 lakk.1 irratti filannoo jiruu laata. C qorannoo, jechuun seera barrefamaa koomiteen murteessu hin danda'u jechuu dha.

**8:20 "Of eegannaa"** "of eeganna" gaaleen jedhuu (jechuun, **"dhabamsiisuu"** PRESENT MIDDLE PARTSIPLE asittii fi 2 Teessoolnqee 3:6 irratti qofa irratti fayadama irra kan oole) jecha fakkeenyaatiin amala irratti kan adeemu doonii kan dhaabuu bira yeroo ga'an caalatti of eegannoo akka fudhatan ture Moolteenii fi Miilgaa, fuulaa 587 Oomeeri irraa (Muolton and Milligan, P.587 from Omer).

**NASB "Akka nu hin ceephane"**
**NKJV, NRSV "Komii"**
**TEV "Ceephoon akka nurratti hin argamne"**
**NJB "Komiin tokko illee akka nurratti hin argamne"**
Kunni "*mōmos*," jechi Girikii jedhuu dha, hundeen hiika isaa komachuu, salphisuu, gadi qabuu jechuu dha (2 Pheexiroos 2:13). Gochami kun asitti (jechuun, AORIST MIDDLE [deponent) SUBJECTIVE) dogogora barbaadu, yookaan komachuu argisiisa (6:3, 8, 20).

▣
**NASB, NRSV**
**TEV "Kanaafis kennaa arjummaa"**
**NKJV "Kanaafis humnaa ol kennaa ta'e"**
**NJB "Kanaafis kennaa guddaa"**
Kun kennaadhaaf jecha baratamee miti. Hiiktoota torbaatamaa keessatti (septuajint) keessatti namoota bilchaatanii fi fayyadama irra ooleera (1 Saamu'eel 15:18, 1 Moototaa 1:9) fi geggeesitootaaf (2 Saamu'eel 15:18, 2 Mootoota 10:6, 11, Isaayaas 34:7). Barrefama Girikii tajaajilaa kan turee callaa bilchaata yookaan wanta furdaa ta'e. Kakuu Haaraa keessatti as qofatti argama.

**8:21 "Waan gaarii kan ta'e yaanna"**

Ee yaadna" kun Fakkeenya3:4 hiiktoota torbataman (Sepuajint) irratti kan fudhate fakkaata. Amantootni waan hundumaatiin jireenya shakkisiisaa kan darbee jiraachutuu irra jira (Maatihos 10:16, Roomee 12:17, 1 Tessoollonqee 5:22).

"Waan gaarii kan ta'e" jechii jedhuu (NASB) yookaan "hordofuu" (NKJV, NIV) salphati ilaalamukan hin dandeenye wantoota adda addaa kan qabu *kalos*, kan jedhee jecha Girikitti.

1. Kan bareede
2. Gaarrii
3. Kan fayyadu
4. Baayyee gaarii
5. Sirriimatti
6. Kan ulfaate
7. Adda kan ta'e
8. Naamusaan gaarii
9. Gati kan qabu
10. gaarii
11. galatteffamaa

▣ **"Gooftaa duratti"** hubannoo Macaafa Qulqulluu nama tokko kaka'umsa kessaa agarsiisa lakkofsi 21 fakenya 3:4 iratti yota'ee, goftaa kan jedhu Yahiwwee agarsiisa.

▣ **"Nama duratti immoo"** kun dhugabatii Kenya agarsiisa (Rom 14:18, Filii 2:15,4:8, 1 Xim 3:7 , 1 Phex 2:12).

**8:22 "Obboloota isaanii wajjin hin'ergina"** name kunii Kaku Moofaa safarttuu dhugabaatii nama lamaa gutuudhaafi mirkanassuuf isaani wajjin kan ergamee kanbiraa nama hinbeekamne fakkata. (Kess. Deb 17:6, 19:15). Kana jechuun Phaahuloos qabiyee kana kessatti waa'ee namota sadi'ii kan agarsiisu fakata.

1. Titoo
2. Kan lakkofsa 18 obbolesa
3. Kan lakkofsa 22 obbolesa

▣ **“Yeroo baay’ee qoranno wantoota baay’eetin”** jechi kun *dokimazō* lakkofsa 8 fi jecha isaatiin kan biraa lakkofsa 2 kesatti galumsi jiruu “qormaata” kan jedhu matadure addaa jecha Giriki fi 1 Qor 3:13 irratti walfakkii qaban wajjin ilaali.

▣ **“Isinnitti bayyee waanan amanadhuuf”** 3:4 irratti ydannoo guutuu ilaali.

**8:23**
**NASB, NKJV,**
**NRSV** **“isin ergamootaa waldaa kiristaanaat”**
**TEV** **“waldaa kiristaanaa bakka kan bu’an**
**NJB** **“isin ergamootaa waldaa kiristaanaat”**
Kun apostil *apostolos,* “ergaamaa” ykn “bakka bu’a” jecha jedhuudha. Jechichi wangeela yohans kessatti “kan ergamee” Iyesuusin sababa argisiisuu fi inni duuka buutuu isaa erguu isaa argisisuuf bifa addaatiin fayadamara oluu isaa jechisaa kara addattiin kan ergamaa bakkaa bu’inisa argisisa. Asitti garuu fayyadammarra kan oolee jecha baratameen achitti (jechuun Titodhaaf lamman maqaan isaan hineramne obbolota) waldaa kiristaanaa bakka bu’ee waldaa Yerusaalemiifi horii gargasaa walitti bu’e fudhee kan deeman agasisa. 1 Qor 4:9 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali.

▣ **“Ulfina Kiristoositi”** kun argisiisuu kan qabu lakkofsa 19 dha. Ulfina kan jedhu mataduree 1 Qor 2:7 irratti ilaali. Gaaleen kun kenna kan ergan waldaa kiristaanaa argisisuu danda’a.

**8:24** ibsa gaaffii “isaan” kan jedhu enyuun argisisa kan jedhudha.

1. Inni agarsiisuu kan danda’u hiyyesota Yerusalemin jiraatan agarsisa waldaan kirstaana Qorontos kennaa isaanitin hosistuu waldaa kiristaanaaYerusaalemf qaban jaalala isan. Kennaan garlafummaa isaan walda kiristaanaa kanbiroo wajjin hojechuu isaan tiifi qajelfama Phahuloos jala jirachuu isaanii agarsiisa.
2. Agarsiisuu kan danda’u waldaa kirisitaanaa kanbiroo ta’uu danda’a. akka qabiyyee isaatiif akkasumas akka seera barrefama isaatti #2 filannoo wayyudha.

▣ **“Dura”** 1:11 irratti kanjiru yaadannoo gutuu ilaali.

## Gaaffiillee maree

Qayyabbannaan kun <u>qajeelfama</u> hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Kan kakuu haraa kennaan kan Kakuu Moofaa akkamitti garaagara ta’a?
2. Kurnoon addunyaallessa ykn adaadha? Maaliif ykn maaliif miti?
3. Meqedooniyaa irratti kennaan kee akkamitti walittii qabama?
4. Kennuudhaa fi galfata gidduu garagarummaa jiru ibisi?
5. Lakkofsa 18 irratti obboleessi heerame eenyuudha?

# II Qorontos 9

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Qulqullootaaf kennaa | Gargaarsa walitti qabuu | Waldaa Yerusalemii fi gargaarsa walitti qabuu (8:1-9:15) | Amantoota rakkataniif gargaarsa | Gara Qorontoositti ergamuuf kan filataman (8:1-9:15) |
| | | | | Kanwalitti qabame irraa eebbaa eegamu |
| 9:1-5 | 9:1-5 | 9:1-5 | 9:1-5 | |
| | Gammachuun kan kennu | | Kanwalitti qabame irraa eebbaa eegamu | 9:6-9 |
| 9:6-15 | 9:6-15 | 9:6-15 | 9:6-15 | 9:10-15 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**
*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## Ilaalcha qabiyyee

A. Boqonnaa 8 fi 9 tokkummaa barreefamaa akka uumuu yaadatamuutuu irra jira. Akkasumas haga murtaa'ee faallaa dha. Phaawulos kennaa kiristaanaa ilaalachiise barumsa lama wali wajjin waan wal qabsiise fakkaata.
B. Akka tilmaama kooti isaan boqonnaan lama kun wali wajjin fudhatamu, akkasumas Kakuu Haaraan galfata ifa kan ta'aan haasa dha.

## Qayyabbaannaa jechaa fi gaalee

### II Qorontos 9:1-5

**1Waa'ee gargaarsa warra Waaqayyoof qulqullaa'aniif kennamu immoo isiniif caafuun barbaachisaa miti*.**
**2Isin gargaarsaaf qophaa'uu keessan nan beeka; qophaa'ummaa keessaniinis ani, "Krisiyaanoonni biyya Akaayyaa erga bardheengaddaatii jalqabanii qophaa'aniiru" jedhee waa'ee keessaniif warra biyya Maqedooniyaatti ofan jaja; hinaan keessanis isaan keessaa namoota baay'ee sochoocheera. 3Ammas, "Qophaa'aniiru" akkuman jedhe qophooftanii akka argamtan malee, waa'ee kanaatiif isiniin of jajuun keenya, dubbii akkasumaan dubbatame akka hin taanetti, obboloota kana gara keessdanitti erguu koo ti*.**
**4Warri Maqedooniyaa anaa wajjin dhufanii, akka isin hin qophaa'in yoo argan garuu, kan keessaniyyuu hafnaan nuyi warri akkas isin amanannes in qaanofna. 5kana irratti obboloonni kun na dura gara keessan**

**dhufanii, gargaarsa isin arjummaadhaan kennuudhaaf abdachiiftan akka qopheessaniif, isaan kadhachuun barbaachisaa anatti fakkaate; gargaarsi kunis akka kennaa dooqnaatti utuu hin ta'in, akka kennaa arjaatti qophaa'ee nu haa eegu!**

**9:1 "Haga barbaachisuu oli"** jechi kun *perissos* dha. Bakka kanatti olii fi hagaa olii bifa jedhuun fayyadama irra oolera. Kunnis kana wajjin bifa wal qabateen II Qorontos irratti irra deddeebi'ee fayyadama irra ooleera. Phaawulos yeroo baay'ee kan miiraa yookaan jecha in baratamni fayyadama. 2:7 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali.

▣ **"Isini barreessu in barbaachisu"** mata duree kana irratti isaaniif barreessaa utuu jiru (jechuun, waldaa kiristaanaa Yerusaaleemin jirtu horii gargaarsaa waa'ee walitti qabuu boqonnaa sadeeti) kana jechuun isaa kun Phaawulosif kan in baratamnee dha.

Geggeesuun kan hafuuraa isaan boqonnaan lamaan kun itti gaafatumummaa kiristaanaa wajjin wal qabatee wal bukke kan adeemanii dha. Tarii isaan kun wali wajjin kan wal qabatan barumsa lamaan yookaan kan kutaa barnoota lamaa ta'u danda'u.

▣ **"Tajaajilli kun"** jechi kun (*diakonia*) yeroo baay'ee fayyadama irra kan oole kan jedhuu kan kiristaanaa itti gaafatamummaa dha (Hoji.erg. 6:1, 11:29, Room 15:31, 2 Qoro 8:4, 9:1, 12, 13). Isaan kun kan argisiisaan tajaajilummaa dha. Isa gargaara Waaqayyo irraa fi mataa isaa dabrsee kan of kennee Masihii wajjin kan qabataan walitti dhuufeenya amantootaa kan biraa yajaajiluudhaaf jireenya gaaffata (Yohaa 17:18, 20:21, 1 Yohaa 3:16). Tajaajilaan garbummaa kan jedhuu mata duree addaa 1 Qoro 4:1 irratti ilaali.

▣ **"Qulqullootaaf"** qulqulloota kan jedhuu mata duree addaa 1 Qoro 1:2 irratti ilaali.

**9:2 "Fedha keessan gaarii beekera hoo"** Phaawulos isa kana 8:8-12, 20 keessatti kaasa.

▣ **"Namoota Meqedooniyaatiin isinin ofan jaja"** kunni PERESENT MIDDLE INDINCATIVE dha. Phaawulos waa'ee namoota Akaayaatiin of jajuu itti fufa. 8:1-5 keessatti Phaawulos namoota Qorontos jajabeessuuf Meqodoniiyaa fayyadama. Amma boqonnaa 9 keessatti namootaa Meqedooniyaa kakasuudhaaf namoota akahiyaa akka fayyadamee dubbata.

▣ **"Ofan jaja"** of jajuun kan jedhuu mata duree addaa 1 Qoro 5 irratti ilaali.

▣ **"Akaahiyaa"** kun bitaa Roomi ta'ee kan Grikii kibba daarii galaanaa turee dha. Xalaayaan kun kan barreefameef Akaahiyaa kan turan saboota Waaqayyoo tokko tokkoo wajjin kan wali galuu dha. Xalayaan sun naannoo sanatti kan jiran waldaa kiristaanaa adda addaatiif yookiin waldaa kiristaanaa Qorontos keessaati jechuun teessuma lafa bal'aa dhiibbaa kan qabduu magaalaa ishee guddoo keessatti dubbifamee akka turee argisiisa.

▣ **"Bara darbee jalqabee qophaa'eera"** boqonnaa 8 wajjin yaada wal diiguu kan qabu fakkaata. Tarii namooti Qorontos gargaarsa walitti qabuu isaa waggaa tokko fuuldura qophaa'uu eegaluuf barbaade ta'a, garuu raawwatani in fixne turan. Rakkinnii isaa inni dhugaan hiika gochamichaa irrattii dha (galumsi sagallee bifa tokkoo dha).

1. PERFECT MIDDLE INDECTIVE yoo ta'ee "qophee gootanituu" gara jedhuuti hiikamuutu irra ture.
2. PERFECT PASSIVE INDECTIVE yoo ta'ee "qophooftanituu" gara jedhuuti hiikamuutu irra ture.

Ani akka natti dhaga'amuuti qabiyyee isaatii fi gochama lakk.3 irra jiru (kan qophooftan akka taataniif) kan jedhuu irraa ka'ee PERFECT MIDDLE ta'utuu irra jiraata.

▣ **"Hinaafaan keessan kan baay'atuu kaka'eera"** hima kana keessatti gochama jiruu kan alta'aa bifa negeative ta'en fayyadama irra oolu danda'a (Keessa deebii 20:21, Qolo 3:21 hiika ayyuu saabaa) yookaan bifa eeyyeedhaan positive (2 Qoro 9:2). Hiika isaa murteessuun kan danda'amuu qabiyyee isaa qofa.

**9:3 " kan qophooftaan akka taatan"** kun PERFECT PASSIVE SUPJUNCTIVE. Yero kan ibsuu teensii fi sagallee voice lakk. 2 wajjin wal sima garuu SUBJECTIVE MOOD gargarsa horii walitti qabuu dhaa wajjin kan wal qabatee waldaa kiristaanaa Qorontositti amantoota jiran fedha irratti kan hundaaee gochuun ta'uu kan danda'uu wanta jiru agarsiisa.

**9:4 "Tarii namooti Meqedooniyaa anaa wajiin yoo dhufani"** isaan bakki bu'ooti kunni 8:19-24 keesstti herameera. Hoji ergamoota 20:4 keessatti horii gargaarsa kanaa gara Yerusaalemitti akka fudhatan kan bakka bu'an bakka heeramanitti kan Qorontos kan ta'an eenyu iyyuu in heeramne.

Tokko tokkoo bakka bu'ooti isaani dursee kan deeme, inni Tiitoo ta'uu isaa in mirkaneessu, garuu Hoji ergamootaa keessatti waa'ee isaatiif kan heerame tokko iyyuu hin jiru.

▣ Lakk.4 kana keessatti waldaan kiristaanaa Akaadiyaa gocha hundee godhatee ta'uu kan danda'uu wantootaa kan argisiisuu sadii AORIST SUPJUNCTIVE gochama qabu.

▣
**NASB** **"Nutti-in jenne"**
**NKJV** **"Nutti (isin heeruudhaaf osoo in ta'in!)"**
**NRSV** **"Nutti…waa'ee keessaniif tokko iyyuu akka in dubbannee…"**
**NJB** **"Nutti-waa'ee keessaniif tokko iyyuu akka hin dubbanne"**

Kanaan karaa adda adda ta'een kan hiikamee rakkon dabal maqaa PRONOUN wajjin kan wal simuu karaadhaa fi ("akka qanofnuuf hinta'in" *kataischunthōmen*,, AORIST PASSIVE SUBJUNCTIVE, PLURAL). UBS4 filannoo argsisa.

1. "lego" (PRESENT ACTIVE SUBJUNCTIVE, SINGULAR)_ MSS P46, C*, D, F, G
2. **"***legōmen***"-** (PRESENT ACTIVE SUBJUNCTIVE, PLURAL)- MSS. a B, C2
3. MS K - hanbisa

UBS[4] kan lakk.1 fillannoo laata "B" tilmaama (sirri dha). Phaawulos lakk.1, 2, 3 fi 5 FIRST PERSON SINGULAR fayyadama (Mmetzger fuula 582).

▣
**NASB** **"Amanachuu kanaan"**
**NKJV** **"Amantii keenya kanaan"**
**NRSV** **"Hubannaa kanaan"**
**TEV** **"Waa'ee keessaniif dhugummaan nutty dhaga'amee"**
**NJB** **"Isin irratti amantaa in qabnu"**

Phaawulosii fi waldaan kiristaanaa Qorontos maaliif qanaa'u? Hupostasis jechi jedhuu (jechuun, NASB amanachuu), Bauer,

Ardarndt, Gingrich and Danker's Greak English Lexicon, akka jedhutti "amanachuun" gara jedhutti hiikuu in danda'u, garuu Yerusaalemin hiyeessooti jiran gargaarsi walitti qabamu "xin-sammuu kan haala yerooti" "Frame of mind" yookaan tarii "hubannaa" ta'u qaba (NRSB) (fuula 847#2 fi #3). Phaawulos waa'ee gargarsaa walitti qabamee of in jajuu in dhiphata ture. Kun Hibiroota 3:1 irratti kan jiru fayyadama jechaa wajjin adeema. Ta'us garuu jechi wal fakkaatan kanaa fayyadamni isaa 11:17 irraa "of jajuu, amanachuu" wajjin yeroo ilaalamuu NASB maaliif akk.kana karaa kanaan akka hiikee hubachuun in danda'ama.

"Of jajuu" jechi jedhuu (NKJV) baay'een barreefam Girikii keessatti in argamu (jechuun, MSS P46, A*, B, C, D*, F, G). MSS A[2], B1, keessatti jira. UBS4 kan irra utaale kenna "B" tilmaama (sirri dha".
9:5 lakk.kana keessatti pro (duraan dursee)… kan jedhuu irraa kan ka'aan jechi sadi jiru

1. Phaawulos waldaa kiristaanaa bakka kan bu'anitti dabale erge (*proerchomai*, Hoji ergamoota 20:5, 13)
2. Phaawulos itti dabalanii akka qophaa'an barbaade (*prokatartizō*,Hoji. Erg. 3:18, 24, 7:52)
3. Phaawulos duraan dursanii waada kan seenani akka raawwatan barbaada (*proepēngellomai*, Room 1:2)

▣ **"Kennaa sasatuu irraa in ta'in"** kunni *eulogia* dha (jechichi akkuma jirutti "hojii gaarii"). Jechi kun dabalataan lakk. 6 keessatti kan irraa hafee haala jedhuutiin fayyadama irra ooleera. Jechi kun hiika bal'aa qaba. Loawuu fi niidaa, Ingliffii kan Girikii galmeen jechootaa wantoota jaha tarreessa (Louw and Nida, Greak Inglish Lexicon) guca 2 fuula 108).

1. Galata (Yaaqoob 3:9)
2. Ol qaqabuu akkasumaani (Room 16:18)
3. Eebba (1 Qoro 10:16, Yaaqoob 3:10)

4. Bu'aa (Room 15:29)
5. Kennaa (2 Qorp 9:5)
6. Kan irraa hafee (2 Qoro 9:6)

Fayyadamni lakk. 3 hiika namoota torbaatamaa hordofa. (Abboota firdii 1:15).

▣

**NASB** **"Egaa akka eebba ta'ee sasatuu irraa kan in ta'in"**
**NKJV** **"Gungumuu irraa utuu in ta'in, fedha gaarii irratti kan hundaa'e"**
**NRSV** **"Egaan akka fedha gaaritti kennaa ta'ee akka harkaa butuutti kan hin taane"**
**TEV** **"Waan barbaadaniif laatuu malee waan qabdaniif miti"**
**NJB** **"Akka kennaa dhugaatiif dirqisiisuuf yookaan rakkisuuf kan in taane"**

Jechi kun akkuma jirutti "akka eebbaa ta'ee sasatuu irraa kan in taane". Barumsa kennuu ilaalachiisee Phaawulos qabiyyee barrefama isaa wali gala keessatti (jechuun boqonnaa 8-9) bifa eeyyee fi karaa tooftaan guutameen barreefameera, garuu gaaleen kun waldaa kiristaanaa giddutti mormiin jiraachuu isaa argisiisa. Phaawulosii waldaa kiristaanaa Qorontos kan waldaa kiristaanaa bal'aa kanaa qaama tokkummaa akka taatuu fi akkasumas hojii gaarii kanaaf hirmaatuu akka taatuu barbaada. Haa ta'u malee kan biraan horii gargaarsa kanaa olaantummaadhaan bulchuu ilaalachiisee isa komachuudhaaf carraa kana akka itti fayyadaman in beeka. Kanaafis mudachuu kan danda'u ceephoo hundumaa dhaabuudhaaf "ani utuun bira in ga'in dursee haa qophaa'u jedhe".

Kan Jerom ibsi Macaafa Qulqulluu Jerome Bible Commentry yeroo baay'ee "sasatuu" jedhee hiikeera maqaa Noun "gungumuun kennaan kennamee" jedhamee hiikamuutu irra jira jedha (fuula 285).

## II Qorontos 9:6-15

**6Namni harka isaa utuu hin guutin facaasu, harka utuu hin guutiin in galfata; namni harka guutee facaasu**
**immoo harka guutee in galfata*. 7Namni adduma addaan garaa duuba yookiis giddiidhaan utuu hin ta'in,**
**akka garaa isaatti murtoo godheetti kennuutu isaaf ta'a; Waaqayyo nama gammachuudhaan kennu in**
**jaallata*. 8Yeroo hundumaa waan isin barbaachisu hundumaa argattanii karaa hundumaa of dandeessanii**
**hojii gaariif iyyuu irraa kan isiniif hafu akka qabaattaniif, Waaqayyo isa isin barbaachisu irra caalchisee**
**isiniif kennuuf danda'aa dha*. 9Akkuma caafame, "Inni kharka guutee, warra dhabaniif in kenna, tolli**
**isaas bara baraan jabaatee in dhaabata" in jedha*. 10Waaqayyo inni sanyii isa facaasuuf, buddeenas**
**nyaachuudhaaf namaaf kenu, kennaa keessan isiniif in barakachiisa, ija tola keessan irraa galfattanis in**
**baay'isa*. 11Waan hundumaatti akka arjoomtaniifis karaa hundumaa isin in badhaasa; arjummaa keessan**
**isa nu harkaa fudhattanif immoo namoonni baay'een Waaqayyoof galata in galchu*. 12Karaa akkasii**
**namaaf hojjechuun, galanni Waaqayyoof dhi'eeffamu caalaatti akka baay'atu gochuu dha malee, warra**
**Waaqayyoof qulqullaa'aniif qaawwa dhaba isaanii duuchuu duwwaa miti*. 13Namaaf hojjechuun keessan**
**amanamoo ta'uu keessan waan argisiiisuuf, wangeela Kristos isa beekistaniif bbboomamuu keessaniif,**
**arjummaa isin isaaniif gootanii, namoota kan biraatinis geessaniif, baay'een guddina Waaqayyoo in himu.**
**14Ayyana Waaqayyoo isa isin keessatti caalaa adeemuuf, isin yaadaa, isinifis kadhachaa jiru. 15Kennaa isaa**
**isa hammas hin jedhamneef, Waaqayyoof galanni haa ta'u*!**

**9:6 "Xinnoo kan faacasuu xinnoo immoo haama"** kun fakkeenya 11:24-25 irratti kallattiidhaan kan heerame fakkaata (Fakkeenya 19:17, 22:9). Yesus kennuu irratti barumsa inni kennee callaqisiisa (Maati 7:2, Maar 4:24, Luq 6:38). Fakkeenya qonnaa yeroo baay'ee Macaafa qlaulluu keessatti fayyadama irra ooleera. Yeroo tokko tokkoo kan Yihudootaa yaadii yeroo dhumaa hordofee (Galaatiyaa 6:7) dabalataanis uumamaa alaa wanta ta'u fakkeenyaa fi du'aa ka'uu wajjin wal qabatee (1 Qoro 15:35-37). Qabiyyee kana keessatti irraa hafuu ilaalachiisee sanyiin tokkoo sanyii baay'ee akka fiduu argisiisa. Garuu sanyiin jalqabaa kennu (jechuun, faacassutu irra jiraata).

**9:7 "Tokkon tokkoon akka laphee isaatti yaadeetti haa kennu"** kun PERFECT MIDDLE INDICATIVE dha. Kun kan hafuuraa kennuu qajeelfama giddutti furtuu guddaa dha. Kan amantootaa naannoo itti gaafatamummaa kan jiruu qajeelfama 8:12 wajjin sadarkaa qaba.

▣ **"Laphee"** yaadannoo guutuu 1 Qoro 15:25 irratti ilaali.

▣ **“Gaddaan yookaan dirqamaan miti”** kennaan hafuuraa fedhaa fi kaka’umsa gaarii ta’uu qaba (8:12). Ani dhuunfaa kooti kurnoon Kakuu Moofaa osoo lalabamuu yeroon dhaga’uu nan naha (yeroo baay’ee Milkiyaasi fi Leewoota akka (1) Eebba dhuunfaa dirqama godhamee yeroo fudhatamuu yookaan (2) Fayinna foonii fi fayinna godhamee yeroo lallabamu. Kurnoo ilaalee mata duree addaa: 8:8 irratti ilaali.

▣ **“Waaqayyoo gammachuun kan kennuu jaallata”** kunni hiika namoota torbataamaa (Septuajint) fakkeenya 22:8 irratti kan heerame fakkaata. Himi isaa Masoreetiki (MT) hiika irratti in argamu “Hilarihees” (gammachiisaa” kan jedhuu jechi Ingilli hundee jecha Girikii kana irraa argamee wal fakkaataa kan ta’e jechii araaraa kan jedhuu wajjin wal qabatee Roomee 12:8 irratti fayyadama irra oolera. Konee Papireesi Girikii (barreefama digimtii) *hilaros* (gammachuu) araara (*hileōs*) kan jedhuu wajjin wal fakkaata dha. Sababa kanaan Molteni fi Milgaan Kakuu Haaraatti galmee jechoota Girikii keessatti garummaa wajjin wal qabsiisee faayida irra akka oole yaada (Moulton and Milligan, in the voccabulry of the Greak New Testament p 303) .

**9:8 “Waaqayyoo… in danda’a”** kun ajaa’ibsiisaa waamicha Waaqayyootii fi waa’ee amala Waaqayyoo dhuga baatii ajaa’ibsiisaa kan qabuu dha (jechuun hundumaa kan danda’uu isa Roomee 16:25, Efeson 3:20, Yihudaa 24). Amantootni akkas kan hojjeettu Waaqayyoon jaallachuuf tajaajiluun irra jiraata.

▣ **“Ayyanaa hundumaa isini baay’suudhaaf”** gaaleen kun kennaa Qorontos kan argisiisuu utuu in ta’in, ayyana kan ta’ee hundee qabeessa amala Waaqayyo argisiisa (jechuun, Yesus), amantootni amala maatii Waaqayyoo callaqisiisu.

▣ “Yeroo hundumaa waan hundummaan dandeeti hundumaa argatanii” “hundumaa” kan jedhuu jecha wali galaa lakk. hubadhu.

1. (Ayyaana hundumaa) (*pasan*)
2. (Yeroo hundumaa) *(pantote)*
3. (dandeeti hundumaa argatanii) *(pasan)*
4. (Waan hundumaatiin*) (panti)*
5. (Hojii gaarii hundumaaf) *(pan)*

Kennaan kiristaanaa jireenya hundumaa kan tuquu dha! Fedha hundumaatiif Waaqayyo in qopheessa (Mat 6:19-34)

“Dandeettii” jechi jedhuu kan dhufee “mataa (self)” fi “eebba/contentment” kan jedhu jechaGirikii lamaa dha (1 Xiimo 6:6-10, Fillim 4:11-12, 19, Ibiroota 13:15). A.T. kan Robert Son jecha suuraa Kakuu Haaraa keessatti guca 4 fuulaa 248 (A.T. Robertson’s Wordd pictures in the New Testamenti fi AM. R. Vininsenti qayyabbannaa jechaa fuula 831 (M.R.Eincent’s word studies) lachuu akka dubbatanitti fayyadamni jecha kanaa kan argisisuu Phaawulosi Astoyikoota/seoic/fayyadama jechaa fi yaada gaariitti hubate akka turee dha. Garuu ifa wangeelaa ammas in hiika. Phaawulos soofistoota giddutii fi *Winter, Filloo (Bruce Winter, Philo and Paul among the Sophists)* kan jedhuu ilaali.

▣ **“Hojii gaariidhaaf akka irra haftaniif”**qabeenyaa isin qabdan isaa wajjin kan isin hirmaatan Waaqayyo caalchisee burqaa gahaa isiniif kenna. Kun baay’isuu dha, garuu nama dhuunfaa sanaaf bu’aa dhuunfa utuu in ta’in hirmachuu dabalateeti male (Efeson 4:28). Kiristaanni kennu rakkatoota homaa in qabne Waaqayyo hundumaa yeroo qopheessu akka meeshaa itti fayyadamaati ta’uudhaan tajaajila. Kun waa’ee itti gaafatamummaa kiristaanaa barumsa laannu keessatti yeroo baay’ee dhugaa bade dha. Eeyyee, eebba kakuu fi irra hafuu qabaana, haa ta’uu malee gara mootummaa isaatti darbuu qaba malee dhabamuun irra in jiraatu! Kiristaanoonni kan fayyan tajaajiluu fi kan eebbifaman immoo kennuu fid ha.

**9:9 “Jedhamee akka barreefamee”** kun kan heeramee Faarfannaa 112:9 irratti hiika namootaa torbaatamaa (saptuwaajenti 111:9) dha. Luqisiin kun hojii namootaa kan argisiisuu (Faarfannaa 112:1-6) baay’inaan fayyadama irra kan in oole “tola “jechi jedhuu walitti hamata (mata duree addaa 1 Qoro 1:30 irratti ilaali). Kan warra Judahiziimi toban torbaniin godoo wal gahii kan jiran hiyeessoota kan kennuu kan Yihudootaa shakaala buusii argisiisa (Faarfaannaa 112:1-6). Yeroo baay’ee kakuu haara keessatti tolli gocha namaa utuu in dabalatin karaa Kristoos qofa kan ta’ee kenna Waaqayyoti.

## MATA DUREE ADDAA: KENNAA HORII (RAKKATOOTAAF)

I. Jechicha mataa isa

A. Jechi kun amantii Yihudootaa keessatti dhalate (yeroo Macaafni Qulqulluu afaan Giriikiin barreeffame keessa)
B. Kunis hiyyeessotaaf akkasumas/ykn warra dhabaniif kennuu agarsiisa.
C. Jechi “horii kennuu” jedhu jecha Giriikii *eleēmosunē* jedhu kottoonfachiisuudhaan dhufe.

II. Yaada Kakuu Moofaa

A. Yaadni hiyyeessota gargaaruu barreeffamoota Musee durii keessatti ibsameera (uumamaa-keessa deebii)
   1. Addumatti yaadni kanaaf ta’u, 15:7:11
   2. “Qarmii”, waan haamaan irraa hiyyeessaaf dhiisuu, Lew 19:9; 23:22; keessa deebii 24:20) “waggaa torba” oomisha waggaa torba hiyyeessi akka nyaatuuf dhiisuufii, Ba’u 23:10-11; Lew 25:2-7
B. Yaadni kun barreeffama/hogabarruu ogummaa keessatti guddate (fakkeenyota filataman)
   1. Iyyoob 5:8-16; 29:12-17 (Hiyyeessota 24:11-12tti ibsaman)
   2. Far 11:7
   3. Fakk. 11:4; 14:21,31; 16:6; 21:3,13

III. Amantii Yihudootaa keessatti guddachuu isaa

A. Kutaan jalqabaa barreeffama hiikaa Macaafa Qulqulluu dur barreeffamee, akkamitti hiyyeessota rakkatootaa fi Leewwota warra kaan qabuun akkanama irra jiruu wajjin walqabata.
B. Waraabbiiwwan filataman
   1. “akkuma bishaanni abidda boba’u dhaamsu, kennan horiis karaa ittiin cubbuudhaaf gaabbuu agarsiisanidha” (“Ecclesiasticus (akkasumas oggumm Been Siiraak 3:30 jedhamee ni beekamama, NRSV)
   2. “kennaa horii keetii akka qabeenya kee isa gati jabeessaati kaa’adhu innis badii hundumaa irraa si oolcha” (Ecclesiasticus” 29:12, NRSV)
   3. “warri dhugaadhaan deddeebi’an hojii isaanii hundumaan ni sooromu. Warra qajeellummaatti jiraatan hundumaaf” waan qabdu irraa horii kenniif, yeroo kennicha kennitus ija kee sassataaf hin ergina, ragaalfatin, fuulli Waaqayyoo si irraa hin garagaalu. “Qabeenya baay’ee yoo qabaatte, reeshoodhaan kennaa kee qopheessi; yoo xinnoo ta’es, hamma humna keetii kennuu hinsodaaatin. 9Kanaafis ati guyya aitti barbaachisuuf qabeenya gati jabeessa gaarii ni kuufatta. 10Kennaa kennuun du’atti nama hiika, duukanatti akka ati hin galleefis si eega. 11Kennaa dhugaan, warra godhan hundumaaf kan isa irra caalu akkuma jirutti ta’ee, aarsaa baay’ee gaariidha” (Tobit 4:6-11, NRSV)
   4. “8Soomaan kadhachuun gaariidha, garuu kana lamaan irra iyyuu kan caalu qajeellummaadhaan kenna akennuudha. Qajeellummaadhana xiqqoo qabaachuu badhaadhiummaa jal’inaan argamu irra ni caala.” Warqee kuusuu irra kennaa kennuun ni caala. 9Kennaa kennuun du’a nama ni oolcha, cubbuu hundumaa irraas nama ni qulleessa. Warri kennan kennaan jireenya guutuu ta’e gammachuudhaan ni jiraatu” (Tobit 12:8-9, NRSV)
C. Waraabbiin dhuma irratti Tobit 12:8-9 irraa fudhatame rakkoo jiru agarsiisa. Hojiin namaa/gaarummaan namaa dhiifama argachuu fi jireenya irraa hafaa qabaachuuf akka karaatti ilaalamaa turan. Yaadni kun Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii keessatti caalaatti guddatee argama, as keessa jechi Giriikii kennaa kennuu agarsiisu (*elemosunē*) qajeelummaa (*dikaiosunē*) dhaaf akka hiikaatti gargaaruu jalqabe. Jecha afaan Ibrootaa hesed jedhu hiikuudhaafis bakka walbu’anii gargaaruu danda’u (jaalalaa fi amanamummaa kakuu Waaqayyoo ta’e, cf. keess deebii 6:23:24:13; Isa 1:27; 28:17; 59:16; Dan 4:27).
D. Gargaarsi namni namaaf godhu asitti namni tokko jireenya irraa hafaa akka qabaatuu fi du’a booddee immoo fayyina argachuudhaaf kaayyoo isaan keessa jiru ta’eera. Akka barsiisa amantiitti jedha dugda duuba jiru caalaa gochichi mataa isaatiin waan hunda caala. Waaqayyoo laphee ilaalee hojii harka namaatti murteessa. Kun barsiisa abbootii amantii ture, garuu dhuunfaatti nama irraa qajeelummaan barbaadamuu isaa irraa kan ka’e hanga tokko hir’achaa dhufe (cf. Miik. 6:8).

IV. Deebii akka Kakuu Haaraatti jiru

A. Jechichi kan itti argamu
   1. Mat 6:1-4
   2. Luq 11:41; 12:33

3. HoE 3:2-3; 10:2,4,31; 24:17

B. Yesuus lallaba isaa garaa irraa keessatti (cf. Mat. 5:7) Waa'ee hubannaa Yihudaanni qajeellummaa irratti qabanii (cf. II Klement 16:4) haala wantoota armaan gadii agarsiisuun dubbateera.
   1. Kennaa horii
   2. Sooma
   3. Kadhannaa

C. Tajaajila Yesus isa Mat 5-7 irratti Yihudoonni muraasni hojii isaaniittiin amanamoo turan. Hojiiwwan kun fedha yookiis qajeelummaa dhuunfaa irraa utuu hin ta'in jaalala Waaqayyoof qaban, dubbii isaa fi obboleessaa fi obboleettii ta'uu irraa kan maddudha! Ol of gurguddisuu dhiisuunii fi iccitii qabachuun qajeelfama hojii gaariiti. Lapheen akkasii murteessaadha. Waaqayyo laphee namaa jijjiiruu qaba. Lapheen haaraan kun Waaqayyoon kan fakkaatudha!

▣ "Kan bara baraa" kana gadii kan jiru mata duree addaa ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: BARA BARAAN *('OLAM)*

Sirrii hiikkaa jecha 'olam, slwx (BDB 761) wanta mirkanaa'ee miti (NIDOTE, waraabbii 3, f. 345). Inni miira danuu keessatti faayidaarra oole ture (yeroo baay'ee dubbisaan murtaa'a) kanneen armaan gadii fakkeenyota filataman qofaadha.

1. Wantoota durii
   a. Namoota (saba) Uma. 6:4; 1Sam. 27:8; Er. 5:15; 28:8
   b. Iddoowwan Isa. 58:12; 61:4
   c. Waaqayyoo Far. 93:2; Fak. 8:23; Isa. 63:16
   d. Wantoota Uma. 49:26; Iyo. 22:15; Far. 24:7, 9; Isa. 46:9
   e. Yeroo, Kes. 32:7; Isa. 51:9; 63:9,11
2. Yeroo fuulduraa (egerii)
   a. Jireenya nama tokkoo, Ba'u. 21:6; Kes. 15:17; 1Sam. 1:22; 27:12
   b. Mootiidhaaf raayjessa, 1Mot. 1:31; Far. 61:7; Nah. 2:3'
   c. Jireenya itti fufeenya qabu,
      (1) Lafa, Far. 78:69; 104:5; Lal. 1:4
      (2) Waaqota, Far. 148:6
   d. Jiraachuu Waaqayyoo
      (1) Uma. 21:33
      (2) Ba'u. 15:18
      (3) Kes. 32:40
      (4) Far. 93:2
      (5) Isa. 40:28
      (6) Er. 10:10
      (7) Dan. 12:7
   e. Kakuu
      (1) Uma. 9:12, 16; 17:7, 13, 19
      (2) Ba'u. 31:16
      (3) Lew. 24:8
      (4) Lak. 18:19
      (5) 2Sam. 23:5
      (6) Far. 105:10
      (7) Isa. 24:5; 55:3; 61:8
      (8) Er. 32:40; 50:5
   f. Daawit wajjin Kakuu adda ta'e
      (1) 2Sam. 7:13; 16, 25, 29; 22:51; 23:5
      (2) 1Mot. 2:33, 45; 9:5

(3) 2Sen. 13:5
(4) Far. 18:50; 89:4, 28, 36, 37
(5) Isa. 9:7; 16:5; 37:35; 55:3

g. Masihii Waaqayyoo
(1) Far. 45:2; 72:17; 89:35-36, 110:4
(2) Isa. 9:6

h. Seera Waaqayyoo,
(1) Ba'u. 29:28; 30:21
(2) Lew. 6:18, 22; 7:34; 10:15; 24:9
(3) Lak. 18:8, 11, 19
(4) Far. 119:89, 160
(5) Isa. 59:21

i. Kakuuwwan (abdiiwwan, waadaawwan) Waaqayyoo
(1) 2Sam. 7:1, 16, 25; 22:51
(2) 1Mot. 9:5
(3) Far. 18:50
(4) Isa. 40:8

j. ajeewwan Abrahaamii fi Lafa Abdatame
(1) Uma. 13:15; 17:18; 48:4
(2) Ba'u. 32:13
(3) 1Sen. 16:17

k. ayyaanota kakuu
(1) Ba'u. 12:14; 12:14, 17, 24
(2) Lew. 23:14, 21, 41
(3) Lak. 10:8

l. Bara baraaf turuu bara baraa
(1) 1Mot. 8:p 13
(2) Far. 61:7-8, 77:8, 90:2; 103:17; 145:13
(3) Isa. 26:4; 45:17
(4) Dan. 9:24

m. Wanta Faarfannoonni jedhan amantoonni yoomiyyuu ni raawwatu.
(1) Galata kennuu, Far. 30:12; 79:13
(2) argamuu Isaa keessa jiraachuu, Far. 41:12; 61:4, 7
(3) Aaraara Isaatti amanuu Far. 52:8
(4) Waaqayyoon galateeffachuu, Far. 52:9
(5) Galatoota faarfachuu, Far. 61:7; 89:1
(6) Haqa Isaa labsuu, Far. 75:9
(7) Maqaa Isa aulfeessuu Far. 86:12; 145:2
(8) Maqaa Isaa eebbisuu, Far. 145:2

3. Lamaanuu yeroo keessaan duubatti fuulduratti, ni deemu ("bara hamma baraatti")
a. Far. 41:13 (Waaqayyoof galata)
b. Far. 90:2 (Waaqayyoo ofii Isaa)
c. Far. 103:17 (Jaalala qajeelummaa Waaqayyoo)

Yaadadhaa, yaadni dubbisaa hamma hiika jechaa ni murteessa. Kakuuwwanii fi abdiiwwan bara baraaf turan haala irratti kan hundaa'aniidha (san jechuun, Ermiyaas 7). Dubbisa Ilaalcha yeroo hammayyaa keessan ykn tooftaa ti'oolojii Kakuu Haaraa keessan gara itti fayydama jecha sirriitti dhangala'aa Kakuu Moofaa kamiyyuuttuu ofeeggadhaa. Kakuu Haaraan abdiiwwan Kakuu Moofaa kan walii galaa ni taasise.

9:10 luqisiin kun hjalqaba irratti Isaayaas 55:10 irratti kan heerame fakkaata, kutaa lamaan immoo Hosee 10:12 irratti kan heerame fakkaata.

Lakk.kuni kan inni cimsuu

1. Abbummaan Waaqayyoo hundumaa kan qopheessuu dha

2. Galfata amantootatti kenname

Waaqayyoo burqaa argannaatti garuuamantooti eebba kana kan argtan yeroo qoodanii fi yookaan immoo yoo kennani dha.

Abbummaan Waaqayyoo "dhi'eessuu" *chorēgeō* kan jedhu karaa jecha Girikii walitti dhuufeenya irra kan oolee lakk. baay'ee kan qaban faarfataa kan jedhuu jechi Ingili (chorus) gara dhufeeti. Jechi Girikii Kohen koine Girikii keessattii naannoo tokkotti farfaatooti waan isaan barbgaachiisu irraa hafaa kan isaaniif dhi'eessu bifa nama dhuunfaatiin fayyadama irra oolera. Yeroo baay'ee bara kanatti amantootni jiran qabeenyi isaani kan madde mataa isaani irraa beekumsa walitti qabaniin yaalii dhuunfa, dandeetti waa uumu, namuusa hojii akka ta'ee in amanu. Ilaalchi macaafa qulqulqulluu garuu burqaan waan hundumtuu Waaqayyon godha. Tajaajilaan galfata kan jedhuu mata duree addaa 1 Qoro 4:1 irratti ilaali.

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"Haama tola keenya in guddisa"** |
| **NKJV** | **"Ija tola keenya in guddisa"** |
| **TEV** | **"Kennaa keessan irraa makarii baay'ee qopheessa"** |
| **NJB** | **"Tola makarii keessani baay'ee guddaa godha"** |

8:5 keessatti ayyaana kan jedhuu jechi karaa bifa adda addaatiin fayyadama irra oolera jechuun tola dabaleera. Dhoksaan xin-waaqummaa amantootni Waaqayyoo kan inni kennuu fi kan inni kakaasuu akkamitti eebbaa yookaan badhaasa fudhatuu? Kan jedhuu dha. Kun dhoksaa Waaqayyo guddaa fi itti gaafatamummaa deebii kakuuti!

Amantootni in kennuu sababi isaa

1. Waaqayyoo in kenna
2. Fakkeenyummaa Yesus
3. Ilaalcha haara (World View)
4. Waa'ee hafuura keessa jiru

Kennuun kan fayyisuu bu'aa uumama Waaqayyooti. Qooqaa fi kiristaanni sagallee isaa wajjin faalla dha!

**9:11 "Waan hundumaatiin badhaadhoo taatu"** kun "waan hundumaa" kan jedhuu cimsa kennuufi dursee kan galee *ploutizō* PRESENT PASSIVE PARTICPLE dha. 8:7-9 eebbii mul'ataan kun qofa kan argisiisuu utuu hin ta'in garuu dablataaniis eebba hafuuraa argisiisa (6:10, 1 Qoro1:5)

▣ **"Kennaa hundumaa"** "hundumaa" pas kan jedhuu jecha lamaa gadii kan hin taane (lakk.8) irratti hubadhu. Jechi Girikii kun kaayyoo murtaa'ee kan qabu (jechuun amanamummaa, qulqullummaa) fi dhugummaa jechuu ta'u danda'a (8:2, 9:11, 13). 1:12 irra kan jiruu yaadannoo ilaali.

▣ **"Galata Waaqayyootiif sababa kan ta'u"** kan boqonnaa 9 kun kutaa cufuu xiyaafannoo kan laatuu amantooti waan qaban akka isaan qoodani ulfinna Waaqayyoo fudhatanii dha (11-13). Kun Maatihoos 5:16 na yaadachiisa kan akkas jedhuu "hojii keessan gaarii ilaalee abbaan keessan Waaqa irraa akka kabajaniif ifi keessan akkasuma nama duratti haa ifuu" waldaa kiristaanaa ormootaa waldaa kiristaanaa hosiiftuu Yerusaaleem wajjin wal argisiisuudhaaf kayyoon guddaan Phaawulos kan jajuu fi kan jaalalaa hafuura ijaaruuf ture (lakk.14).

**9:12 "Tajaajila"** kun *leitourgia* kan jedhu jecha Girikiiti (kan uummataa fi kan hojii kan ta'ee) isa irraa gargaaruu (tajaajila waldaa kiristaanaa) kan jedhuu jecha ingli irraa kan dhufe. Hundeedhuma irraa baasii mataa isaanitiin tajaajila uummataaf kan kennan ilaalata. Haala kanaan lakk. 10 irra kan jiruu *chorēgeō* wajjin wal fakkaata.

▣ **"Qulqullootaati kan hir'atuu hundumaa kan laatu"** kun guutu yookaan mudaa malee ta'uu (1 Qoro 14:16, 16:17) jechuu kan ta'ee kan jecha lamaa jechuun bros fi *anaplēroō* jechuun *prosanaplēroō*, (PRESENT ACTIVE PRIPHRASTIC INDECTIVE), jecha Girikiti. Phaawulos yeroo baay'ee haasaa isaa kan ta'an pros wajjin (lakk.5) jecha kan cimsan fayyadama, haa ta'uu malee hiikii sirriin maal akka ta'ee hin beekamu. Phaawulos gosa tokko kan ta'ee jecha kan cimsan 11:9 keessatis in fayyadama.

“Kan isaanitti hir’ate” jechi jedhuu akkuma jirutti yeroo ilaalamu kan isaan barbaachisuu jechuu dha (1 Qoro 16:17, 2 Qoro 8:8, 13, 14, 11:8). Waldaa kiristaanaa Yerusaleemiiin jirtuu waldaa kiristaanaa uummataa guutuun kan isaan irra jiru fedha qabu “qulqulloota” kan jedhuu 1 Qoro 1:2 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali.

▣ **“Haa ta’uu malee immoo galata baay’eedhaan Waaqayyoodhaaf in baay’ata”** waldaa kiristanaa Yerusaleemiin jiraniif guutumaa Palastaahen kan jiran waldaan kiristaanaa ormootaa waan isaan yaadaniif kan qabanis waan kennaniif Waaqayyoon galateefata (lakk.13).

**9:13 “In mirkaneessa”** kun waa’ee qoramtanii fi *dokimō* jechi jedhuu (2:9, 8:2, 13:3) keessatti fayyadama irra ooleera. 1 Qoro 31:13 irratti kan jirau mata duree addaa ilaali.

▣ **“Tajaajila kanaani”** kun Phaawulos Yerusaleemin kan jiru waldaa kiristaanaa hoosiftuu waldaa kiristaanaa ormootaa wajjin gargaarsa walitti qabeedha kan inni ilaalatu. Kuni lakk. 1 keessatti fayyadama irra kan oole jecha wal fakkaata dha.

## MATA DUREE ADDAA: BALEESSAA HOJJETAN AMANUU

A. Balleessaa ofii amanuu ykn dubbachuudhaaf hundee jecha Giriikii walfakkaaaa lamatu jira, *homolegeō* fi *exomologeō*. Jechi dacha Yaa’iqoob keessa jiru kan dhufe *homo* walfakkaataa, *legō*, haasa’uu, fi *ex* keessaa irratti. Hiikaan bu’uuraa waan walfakkaataa jechuu ykn wajjin walii galuu jechuudha. Ex. Inni jedhu yaada labsii hawaasaatti kan dabalamedha.
B. Hiikaan Afaan Ingili garee jecha kanaa
    1. Eebbisuu/Galateeffachuu
    2. Waliigaluu
    3. Labsuu
    4. Dubbachuu
    5. Amanuu
C. Gareen jecha kanaa faayidaa faallaa fakkaatu lama qaba ture.
    1. Galateffachuu (Waaqayyoon)
    2. Cubbuu ofii amanuu

    Kun kan madde yaada namni qulqulluummaa Waaqayyoo fi cubbamaa ta’uu isaaf qabu irraa ta’uu danda’a. Dhugaa tokko amananii fuedhachuun laachuu amananii fudhachuudha.
D. Itti fayyadamni garee jechaa kanaa Kakuu Kaaraa keessatti
    1. Waadaa galuudhaaf (cf. Mat. 14:7; HoE 7:17)
    2. Wanta tokko gochuuf walii galuu (cf. Yoh. 1:20; Luq. 22:6; HoE 24:14; Ibir. 11:13)
    3. Galateeffachuu (cf. Mat. 11:25; Luq. 10:21; Rom. 14:11; 15:19).
    4. Waliigaltee
        a. Namaa wajin (cf. Mat. 10:32; Luq. 12:8; Yoh. 9:2; 12:42; Rom. 10:9; Fil. 2:11; Mul’a 3:5)
        b. Dhugaa wajjin (cf. HoE 23:8; 2Qor. 11:13; 1Yoh. 4:2)
    5. Labsii ummataa gochuu (yaada seera-qabeessa gara amanti mirkaneessuutti guddate (cf. HoE 24:14; 1Xim. 6:13)
        a. Utuu yakka hin fudhatin (cf. Xim. 6;12; Ib. 10:23
        b. Yakka fudhatanii (cf. Mat. 3:6; HoE. 9:18; Ib. 4:14; Yaa’i. 5:16; 1Yoh.

▣
**NASB, NKJV**
**NRSV, NJB** **“Aboomamuu”**
**TEV** **“Amanamummaa”**

Jechi kun jechaa fi aboomamuu kan njedhuu jecha (jechuun hupotage Galaatiyaa 22:5, 1 Xiimoo 2:11, 3:4) garuu aboomamuu kan jedhuu hafuura fayyadama irra kan oolee sababi isaa himichi kan wal harkisuu (the object) wangeela malee dhuunfaa miti.

## Mata duree addaa: Bitamuu *(HUPOTASSŌ)*

Saptuwajeentiin jecha kana fayyadama irra kan inni oolchee jechoota Ibirootaa adda addaa kudhanitti hiikuudhaan. Kan isaa hiikii hundee qabeessii Kakuu Moofaa “ajajuu” ture yookaan “mirga ajajuu”. Kunnis

saptuwaajeectiidhan (LXX) ilaaleera.

1. Waaqayyoo in ajaja (Leew 10:1, Yonaa 2:1, 4;6-8)
2. Muse ajajeera (Ba’uu 36:6, Keessadeebii 27:1)
3. Moototi in ajajuu (2 Seenaa 31:13)

Kakuu haara irraatti miirii kun itti fufeera akka Hoj.erg. 10:48, innis ergamaa akka aboomee ta’us, hiiki haaraan Kakuu Haaraatti guddachaa dhufaniiru.

1. Bifi feedhidhaan guddachaa dhufeera (yeroo hundumaa sagallee gidduu galleessaa)
2. Gocha mataa ofii daangeessuu Yesusiin ilaamuu danda’aa abbaf aboomamuudhaan (luqa 2:51)
3. Amantootni bifa aadaatii fi in bitamuu, waan ta’eef wangeelli jibbaan akka in midhamneef.
   a. Amantiitni biraan (Efe 5:21)
   b. Haadha manoota amanoo (Qolaa 3:18, Efe 5:22-24, Titoo 2:5, 1 Pheexi 3:1)
   c. Waaqeffataa waaqa tolfamaa kan ta’aan mootummoota amantoota (Roome 13:1-7, 1 Pheexi 2:13).

Amantootni hojii irra kan oolchan tajaajalan, Waaqayyoof, Kristoosiif, mootummaa Waaqayyootiif, faayida warra birootiif kan ta’uu yaada keessatti.

Akka agapeetti (jaalala) waldaan kiristaanaa jecha kana hiika haaraadhaan, innis hawwii moototaatiif hawwii biraatiif hundeessuudhaaf guutamteetti. Jechi kun ulfina haaraa innis mataa ofii ganuu fudhata, innis ajaja irratti kan in hundoofne, haa ta’uu malee walitti dhufeenya haaraa irratti mataa isaa kan kennee Waaqayyoo fi Masihi. Amantoonni aboomamuu fi mataa isaanii bichisiisuutu irra jiraata, hundumaafi gaarummaa fi eebba maatii Waaqayyootiif jechuuf

▣ **“Wangeella Kristositti amanuu keessaniin”** amanuu jechuun (1 Ximoo 6:12-13, 1 Yohannis 1:9). Qabiyyee kana keessatti dubbii fakkeenya kan ta’ee amani dubbachuu (confession) kennu kennaa isaaniti , innis kan biroo irraa waldaa kiristaanaa ormootaa fi Kristoosi wajjin walitti dhufeenya qaban kan mirkaneessu dha. Jireenyi bara baraa argamuudhaa fi ibsamu kan danda’uu amala dha.

▣ **“Kennaa gargaarsa gargaaramtanii”** kun *koinonia* jechi jedhu yeroo ta’uu (Room 15:26) wajjin wal qabatee hirmaachu jechuu dha. Asitti kan inni argisiisuu waldaa kiristaanaa Yerusaleem keessatti hiyeesoota jiran gargaaruuf horii walitti qabamee dha (1 Qoro 16:1). 1 Qoro 1:9 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali.

▣ **“hundumaa”** kun gaalee ibsuuf rakkisaa ta’ee dha. Tarii waldaan kiristaanaa Qorontos kan biraa waldaa kiristaanaa ormootaa gargaarsa walitti qabu irratti akka hirmaatan dhibbaa gochuu isaani kan argisiisuu ta’u danda’a (lakk.2).

**9:14** lakk.kun kan argisiisuu kennicha warra fudhatanii dha (jechuun waldaan kiristaanaa Yerusaleem hiyyeessotaa fi miseensa hundumaa). Phaawulos isaan dame adda addaa lamaan kana kan ta’an (ormootaa fi Yihudoota) waldaa kiristaanaa ishee jalqabaa yeroo hundumaatiif akka gargar in bane tokko gochuudhaaf barbaada.

▣ **“Kan caaluu”** *Huperballō*. 1 Qoro 2:1 irratti kan jiru waa’ee *Huper* mata duree addaa fayyadama Phaawulos ilaali.

**9:15 “Waa’ee kennaa isaa in dubbatamneef Waaqayyo haa galateefamu”** tokko tokkoo qabiyyee kana namooti Qorontos kan isaan walitti buusan horii gargaarsaa akka argisisuu godhani fudhatu, garuu

1. Lakk.8:9 irratti waa’ee isa heerame aarsaa guddaa Yesus irraa kan ka’ee
2. Lakk.9:1 irratti waa’ee heerame waa’ee wangeela Yesus irraa kan ka’ee

Tarii kun kan Masihichaa Yesus nama Naazireeti tajaajila isaa argisiisuu danda'a. James D. G. Dunn, unit and Diversity in the New Testament (fuula 184) "kennaa Waaqayyoo" hojii ergamootaa keessatti hafuura qulqulluu akka ilaalatu heera (jechuun dhaloota haaraa, jechuun Hojii ergamootaa 2:38, 8:20, 10:45, 11:17).

Kan ijoollee (Hojii ergamoota 8:9) tajaajila mataa ofi kennuu

1. Amantooti kunni Waaqayyoon akka galateefataniif isaan kakaasa (*eucharistia*, lakk 11, 12 *charis*, lakk 13)
2. Qabeenya qabanii kan in qabneef akka qoodaan isaan dhiiba Jechuu ture.

▣

**NASB, NKJV**
**NRSV "kan hin mul'anne"**
**TEV "Minyaa"**
**NJB "Hunduumaa irra kan caaluu"**

Jechi kun *kdiēgeomai*, guutuu guutuutti ibsuun yookaan haala tarrefama hundumaa heeruu jechuu kan ta'ee ekdiegeomai dha. Karaa murtaa'aan jaalala Waaqayyoo kallattii hundumaa hubachuudhaaf mucaa namaatiif ulfaataa dha (Keessa deebii 30:11, Iyoob 11:7, Faarfaannaa 139:6, Fakkeenya 30:18, Isaayaas 55:8-9, Room 11:33).

## Gaaffiillee maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Boqonnaa 8 fi 9 keessatti kan heeramani geggeesitoota abbaa galfataa jecha mataa keetiin deebbisitti bal'isi barreessi.
2. Lakk. 6 fi 10 irratti kan heeraman jireenya keetti maal jechuu akka ta'ee jecha mataa keettin ibsi.

# II Qorontos 10

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Phaawloos waa’ee tajaajjila isaaf falma | Lola hafuuraa | Ergamaa dhugaa ta’uu isaa yeroo falmu | Phaawloos waa’ee tajaajjila isaaf falma | Waa’ee dadhabbii gaaffii isaaf dhiyaateef deebii isaa |
| 10:1-6 | 10:1-6 | 10:1-6 | 10:1-6 | |
| | Dhugaa ta’uu aboo Phaawloos | | | |
| 10:7-11 | 10:7-11 | 10:7-11 | 10:7-11 | 10:1-11 |
| | Daangaa aboo Phaawloos | | | |
| 10:12-18 | | | 10:12-16 | Waa’ee hawwiif gaaffii ka’e deebii isaa |
| 9:6-15 | | | | |
| | 10:12-18 | 10:12-18 | 10:17-18 | 10:12-18 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**
*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

**Ilaalcha qabiyyee**

A. Boqonnaa 10-13 ti barsiisoonni sobduun Phaawulosiin kan komatan irratti waa’ee mata isaa kan inni ibse ramaddii barreefamaa uuma. Isaan barsiisonnii sobduun kun Phaawulos mataan isaa falmii wanta isa guddaa akka ta’uu godheera. Kanaafis utuu in barbaadiin akka namaatti jalina isaaniin kan guutame jecha isaanii fi gowoomsaa kan guutamee jecha isaanii fayyadamee waa’ee mataa isaa in falma.kaayyoon isaa inni dhumaa waa’ee wangeelaa ibsuu ture.

B. Kan murtaa’aan Phaawulos irratti kan fe’aman fakkeenyi komii
   1. Fuula fuulatti yeroo jiruu garaamii yeroo fagaatuu garuu ija jabeesa ture 10:1, 9, 11
   2. Akka barsiifata nama biyya lafaatti deddeebi’a ture 10:2
   3. Qaama isaa yeroo ilaalamuu garuu dadhabaadha haasaan isaas kan tufatamee dha jedhu
   4. Horii arggachuuf jecha lalaba 11:8, 12, 12:16

C. Diinota Phaawulos
   1. Gareewwan sadii achitt kan hirmaataan fakkaata
      a. Gareewwan dhalataa Qorontos (1 Qoro 1-4 geggeesitoota)
      b. Palastaa’een irraa kan ta’an garee Yihudootaa (Yihudoota wajjin wal fakkaatoo kan ta’an)

    c. Tarii garee lamaan keessaa kan ba'an
2. 1 Qoro irraa moormii fi taayitaaf gareen isa morman kan jiran fakkaata
    a. Garee barsifata jabeessan (Asceticism)
    b. Garee seera falleesan (libertines)

D. Sababi isaa waa'ee isa barreessee kan turan garuu amma kan hin argamin xalayoota adda addaa kaasa, waa'ee xalayaa kanaa beektoonni tilmaama adda addaa qabu tarii 2 Qoro isaan badeera kan jedhaman kuufama xlayaa ta'uu danda'a jedhu. Phaawulos waa'ee xalayaa adda addaa kaasuu isaa bitaacha galuu fideera, akkasumas II Qorontos kessaatti kan jiran duraa booda isaa kan in eeganee fi ifaa kan ta'ee ramaddii barreefama adda addaa qabaachuun isaa kun dhugummaa isaa kan qabuu akka fakkaatuu godheera.

Phaawulos xalayaa kana barreessuu isaati fi isa booda yeroo adda addaatti odeefannoo haaraa kennuu jalqabuu isaa addadummaa uumuun isaa dhugumatti ta'uu kan qabuu dha. Xalayichii bifa ta'uuni mirkaneessuudhaan kan jalqabee fi gara in taaneetti negative in jijjira.

Dhuunfaa kootti tokko tokkoo Phaawulos kan inni barreese xalayawwaan waa'ee baduu isaati ana na in dhiphisuu (tarii hafuurri macaafa qulqulluu keessatti akka in dabalamne kan inni barbaadee odeefannoon jiraachuu danda'a) garuu 2n Qoontos kuufama xalayaa baay'eeti jedhamuun isaa, barreesitootni Girikii duriitiin ta'es seenaa wwaldaa kiristaanaa keessatti odeefannoo kan hin argamne, garuu kan haraawwaani beektoota warra lixaa yaadoota adda addaa yookaan tilmaami na dhiphisa! Qoratootni warra bahaa durii barreesitootni gara warra ammayyaa lixaa ramadamuu fi dhiibuun nurra in jiraatu.

## QAYYABBANNAA JECHAA FI GAALEE

### II Qorontos 10:1-6

**[1]Ani Phaawulosi afaan koo garaamummaadhaa fi gara laafummaa Kristoosiin cimsee isin nan gorsa ani yemmuun isin bira jiruu "ija laafeesa" yemmuun isin irraa fagaadhuu immoo "ija jabeessa" jedhameera.**
**[2]Yemmuun isin biratti argamuu ija jabinaan akka ana hin dubbachiifnee isinin kadha, warra akka yaada foonitti deddebi'uu nun jedhan irratti ani ija jabinaan dubbachuudhaan yaada koo keessaa akkan qabuu of nan amana*.[3]Nama fooni yaa taanee iyyuu akka yaada foonitti nama lola miti. [4]Mi'aa waraanaa keenya mi'a da'oo jajjabaa jigsuudhaaf Waaqayyoof hojjeechuu danda'uu dha malee mi'a namni fooni ittiin hojjetu miti. Yaada amansiisaa in qabne isa nama walaalchisuuf qophaa'ees in diiga*. [5]Waanumma ogummaa Waaqayyoo gufachiisuudhaaf dura dhaabbatuu hundumaa diigne yaada namoota Kristoosiif aboomsiisuudhaaf in boojina. [6]Erga isin raawwatanii aboomamtanii nuyis aboomamuu diduu hundumaa adabuudhaaf qophoofnee jira*.**

**10:1 "Ani mataan koo Phaawulos …nan gorsa"** Phaawulos boqonnaa dursuu keessatti kan inni qabuu "nuyii" jechi jedhuu in fayyadamuu sababni isaa waa'ee mataa isaatti dhuunfaa isatti barsiisoota sobduu komii isaani kan inni dhorku. Phaawulos *autos* fi *ego* fayyadama (12:13, Roome 7:25, 9:3, 15:24, oliif Galaatiyaa 5:2, *egō* fi *Paulos*) kun karaa dhuunfaa isaa akka ta'ee xiyaafannoo kennuudhaaf. Isinan gorsa kan jedhuu 1:4-11 irratti kan jiruu yaadannoo ilaali.

▣ **"Kristoosiin garaamummaa fi qajelummaa"** Phaawulos isaan barsiisota sobduu kanaafi illee amala ta'uuf tooftaa fayyadama (Maati 11:29). Qoratoota Girikii fi falasafoota birratti gadi of qabummaan akka gaarummaatti in lakkaa'amuu (jechuun, Socrates, Aristotle, Stoics). Kunni tokko Phaawulosiin kan ittin ceephaa'aan argisisa, Paul. M. R. Vincent's *Word Studies*, qayyabbannaa jechaa lakk. 2 beektoota torbataaman (Saptuwaajeentii) "mataa ofii gadii qabuu" (*praus*,, lakk.1), kan gadi of deebisee (*tapeinos*, lakk.1) fi "rakkataa" (*penēs* lakk.9:9) jechii Ibirootaa tokko hiikuudhaaf faayidaa irra akka ooletu mirkaneessa. Hiyyeesaa fi soorecha kan gadi qabamee isa salphatee wajjin wal dorgomsiisu(fulaa 832).

▣ **"Isin biratti fuula fuulatti utuun jiruu kanan gadi of qabee kanan ta'ee, isin irraa yeroon fagaadhuu kanin ija jabaadhu"** qorannoon kun tarii xalayaa Phaawulos badee argisiisuu danda'a (1:9-11). Mata ofii gadi qabuu irratti tapha jiru hubadhuu ilaali. Kristos mataa isaa gadi of qabuu isaa kaasaa (jechuun, praus Masihidhaaf fayyadama irra kan oolee Maati 21: 5 fi kan amantootaa Maaaati 5:5, 1a Pheexi 3:4, 15). Gaalee kana keessatti

wal fakkaataa fayyadama (jechuun, tapeinos (noyw and Nida Greak Einglisha lexison guca 1 fuula 748) yesusiifis fayyadama irra kan oolee (Maatii 11:29) fi Phaawulosis (11:7, 12:21).

▣ **"Kanan ija jaabaadhuu"** 5:6 irratti yaadannoo jiruu ilaali.

**10:2 "Isinan kadhadha"** jechi Girikii kun *deomai*, jechuun ariitiin gaaafachuu yookaan gadi of deebisuun kadhachuu jechuu dha. *Parakaleō* kan jedhuu jecha Girikii wajjin wal fakkaataa dha (jechuun, Louw and Nida, *Greek-English Lexicon*, guca tokko fuula 408) Phaawulos lakk.1 ikeessatti fayyadameera (2:8, 5:20, 6:1, 8:6, 9:5, 12:8, 18, 13:11). Isaan amantootni kun barsiisoota sobduu irraa kan dhaga'aan dabalataan hubachuudhaa fi ariitiidhaan gaachaa jira.

▣ **"Isinii wajjin ta'ee"** wantoota amma jijjiraamaniti gara sanatti deebi'uu in barbaachiisu. Ija jabaachuus in barbaaduu garuu amala qabeessa ta'uu male.

▣ "Tokko tokko irratti amannee ija jabaachuu in barbaadaa, amantii sanaan garuu isinii wajjin ta'ee akkan ija in jabaannee isinin kadha" Girikiidhaan waa'ee "foon" tapha jechaa qaba. Isaan barsisoonni sobduun kun Phaawulos akka nama kaayyootti in deddeebi'a jechuudhaanitu komatu (jechuun, akka fedha foonitti). Garuu Phaawulos fooniin akka ta'ee in fudhata (qaama foonii) lakk. 3 irratti ilaali. Garuu fedha foonii irraa kan ka'ee akka in goonee jabeessee dubbata (1:7, 2:17, 4:3, 7:2, 10:3-4).

▣ **"Ija jabaachuu"** kan jedhuu 3:4 irratti yaadannoo jiruu ilaali.

▣ **"Kan nutti lakka'aan tokko tokkoon"** kun *logizomai* kan jedhuu jecha Girikii irratti tapha qaba. Phaawulos yaada isaa argisiisuudhaaf gochama argisiisuu (PRESENT MIDDLE [deponent] INDICATIVE) komii barsiisoota sobduu keeyata booz immoo (PARTICIPLE (PRESENT MIDDLE [DEPONENT]) in fayyadama. Kun warra isaan wal falmaniif baayee ogummaa ta'uu danda'a (Bruce W. Winter, Philo and Paul among the sophists irratti ilaali). Waa'ee jechichaa yaadannoo guutuu 3:5 irratti ilaali.

▣ **"Akka deddebinuuti"** kun amala deddeebii dubbii haalaa kan argisiisuu aadaa Ibirootaati (fakkeenyaaf Efe 4:1, 5:2).

▣ **"akka shaakala namaatti"** akka shaakala hawaasa isaanitti gochuudhaan Phaawulos irratti murtii kennuu barbaadu (1 Qoro 9:8, 15, 32, Room 3:5, Galaa 1:11, 3:15). Amantootni sadarkaa adda addaa qabatuu sagallee Waaqayyo ibsameef (1) Kakuu Moofaa (2)Kristos fi (3)Kakuu Haaraa 1:26 irra kan jiruu mata duree addaa ilaali.

**10:3-6** Phaawulos guyya guyyaadhaan kiristaanaa fi adeemsa hafuura dukanaa giddutti warana jiru argisiisuuf uffannaa loltuu fakkeenyaan gargaarama (Roome 7, 8, 3:11). Hafuurri hamaan kun lakk. 5 irratti yaada namaa, ogummaa fi wangeela irratti yaada isaan qaban akka ta'ee mul'ateera (Efe 6:10-18).

**10:3 "Akka shaakala namaatti"** 1 Qoro 1:26 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali.

▣ **"Waraana"** jechi kun *strateuō* jedhuu yeroo ta'uu strategy yookan mala kan jedhuu jechii ingillifaa kan argamee dha. Loltuudhaaf fayyadama irra kan oole (1 Qoro 9:7, 2 Xiimo 2:4) yookaan fakkeenyummaan isaa warana hafuuraatii fi (asiti fi 1 Xiimoo 1:18). Addunyaa hafuuraa irratti walitti bu'insa gargar in cineetu jiraata.

**10:4-5** lakk 4-5 keesatti Phaawulos kan inni wallaansoo ittin qabuu wal duraa duuba kan ta'aan kan heeraman jiru.

1. Daanoo cabsuuf (*ochurōma*)
2. Yaada diiguuf (*logizomai*)
3. Beekumsa Waaqayyoo irratti kan ka'u wanta ol jedhe diiguuf (*huphōma*)
4. Sammuu hundumaa booji'uu (*noēma*)

Wantootni kun tarii Phaawulos 1 Qoro 1-4 keesatti gatii kan isa dhabsiisuu kan soofistootaa haasaa akkasumaani argisiisa (Bruce W. Winter, *Philo and Paul Among the Sophists*, fuula 180-202).

**10:4 "Mi'a waraannaa keenya"** Phaawulos waa'ee mi'a warannaa kana duran dursees 6:7 irratti kaaseera. ergaan Roomee yeroma kana ture Qorontositti kan barreefame. Lola Roome 6:13 fi 13:12 irrati in heera.

Phaaexiros galumsa gochamaa 1 Phexiroos 4:1 irratti amantootni mataa isaanii hidhachiisuun akka irra jiru bakka jajjabeesutti fayyadama.

Dhimma kana irratti macaafni gaarii ta'ee *Three crucial questions about Spritual warfare Clinton E. Arlond* barreefamee macansaa Bakar kan maxansee dha.

▣ **"Daannoo cabsuudhaaf"** kun tarii fakkeenya 21:22 qabiyyee bal'aa (lakk. 13-31) naanna'aa dha. Ibsitoota giddutti waa'ee hiika kutaa kanaa marii adda addaatu jira, garuu lakk. 5 irratti Phaawulos waa'ee daannoo hafuuraa akka dubbatu ifaa dha. Inni waa'ee barsiisota sobduutii fi waa'ee barsisa sobaa isaanii argisiisaa jiraachuun isaa ifadha.

**10:5**
**NASB "Yaada namaa diiguu"**
**NKJV "Yaada namaa diiguu"**
**NRSV "Yaada namaa balleessuu"**
**TEV "Achi gadii yaaduu"**
**NJB "Kan balleesinu yaada"**

3:5 irratti kan jiruu yaadannoo ilaali.

**NASB "Kan ol jedhee wanta kamiin hundumaa"**
**NKJV "Wanta ol jedhee hundumaa"**
**NRSV "Of tuullummaan kan hafuufame kamiin illee gufuu"**
**TEV "gufuu of tuullumaa kamiin illee"**
**NJB "Ija jabummaan kan guutamee kamiin illee"**

Kun yaada sammuu namaa keessatti ol jechuu jiruu kan argisiisuu fayyadama irra jecha oolee dha. Kun kan barsiisota sobduu

1. Beekumsaa fi sababa namootaa (1 Qoro 1:18-25, Qola 2:8,)
2. Aadaa (Qolaa 2:16-23) irratti kan kennan cimsa olaanaa calaqqisiisa.

▣ **"Kristoosiif aboomsisuudhaaf sammuu hundumaa in boojina"** gochamichi lola irratti "waraanuu" fi "booji'uu" wal makaa dha. Isaan barsisoonni sobduun yaada warra Qorontosi fi sammuu booji'aa jiru. Phaawulos sammuu kana akka harreessuu (Roome 12:2, Efe 4:23). Sammuun keenya akka eegamuu in barbaada (Filli 4:7). Fayyinni bilisa, haa ta'uu malee jireenyi kiristaanummaa abomamuudhaan, tajaajilaan, waaqeffannaan, obsaan kan guutamee amala barbaada. Isaan dirqama jecha kakuuti. Kun gargar in cinne walitti bu'iinsa hafuuraati.
Phaawulos yeroo baay'ee (2 Qoro 2:11, 3:14, 4:4, 11:3) irra deddeebi'ee "yaada" (*noēma*) jecha jedhuu fayyadama, garuu yeroo biraa Filli 4:7 keessatti qofa al tokko fayyadameera. Tarii kan isaa jecha kana irra deddeebi'ee fayyadamuun isaa kan Qorontos beekumsa irratti caalaatti xiyaafannoo kennuu ta'uu danda'a. *The Analytical Greek Lexicon Revised*, Harold K. Moulton, ed.,Yaada baay'ee tarreessa (fuula 280).

1. Yaada, hubachuu, yaaduu -2 Qoro 3:14, 4:4
2. Laphee, lubbuu, jaallachuu, miira, firooma -2 Qoro 11:3
3. Sammuudhaan kan yaadamuu, yaada, kaayyoo, tooftaa -2 Qoro 2:11, 5:5

**10:6** Phaawulos barsiisota sobduu fi duuka buutuu isaanii herrega isaanii kan inni buusuu yeroon dhufaa jiraachuu isaa of egachiisa. Dadhabaa ta'uu isaa yaaduudhaan komatu turan, haa ta'uu malee inni isaani obsuu isaa in hubannee turan. (1)Kristosiif jecha (2)kiristaanoota fayyummaa wali wajjinitii fi jecha. Phaawulos achi ga'uu isa dura rakkinicha irratti akka duddubatan waldatti kiristaanaa kana of eegachiisaa jira. Ta'uudhaa yoo baatee inni mataan isaa isaanii wajjin in dudubata (1 Qoro 5:3-5).

## II Qorontos 10:7-11

**7Wanta ija keessan duratti mul'atu ilaalaa! "ani kan Kristoos" jedhee namni of amanatuu yoo jiraatee, inni kan Kristoos ta'uu keenya itti haa yaadu! 8Aboo gooftaan ittiin isin diiguuf utuu hin ta'iin ittiin ijaaruuf nuuf kenneen utun caalaatti of jajee iyyuu ana hin hin yaalasiisu ture*. 9Anis nama caafata**

**isaatiin isin sodaachiisuu barbaadee hin fakkadhuun ture*.10JArri tokko waa'eekootiis "caafata isa**

**keessatti dubbii dhimma baasuuf jajabaa in caafa, yemmuu nu biratti argamee afaanin dubbatu immoo dadhaba dha; dubbiin isaas dhimma hin kutu" jedhaniiru*. [11]Nuyi waan isaani irraa fagaanee caafata keenyaan isaanitti dubbanu yemmuu isaan biratti argamnuuf isuma hojii irra oolchuuf akka jiru jarri kun haa beekan.**

**10:7 "Iasa fuula keessan dura jiruu ilaalaa"** Girikiidhaan sagalichii NRSV, NJB) NASB, TEV,NIV IMPARATIVE ta'u dana'a (NRSB, NJB) yookaan INDICATIVE kan argisiisuu (NASB, TEV, NIV). NKJV fi ASV bifa gaaffiitiin kan hiikaan. Waldaan kiristaanaa Qorontosiin jirtuu kan isheen madalamtuu yookaan kan isheen ceepha'aamaa jirtuu kallatti xiyaafannoo wangeellaattiin nosoo hin ta'iin kan foonii/kan lafaa/sadarkaa kan biyya lafaa ture.

▣ **"Yoo ta'ee"** kun FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENSE dha. Waldaa kiristaanaa Qorontos keessatti haala kan hafuuraa isaaitii fi ejjeennoo isaanittiin mataa isaanii gowwomsaanii kan turan (1 Qoro 14:37) tokko tokko turaniiru (jechuun "mirkana'aadha" PERFECT ACTIVE INDECATIVE.

▣ **"Mataa isaatiin"** Phaawulos lakk.kana keessatti eautou jechi jedhuu al lama fayyadame. Isaan barsisoonnii sobduun kun mataa isaani gowoomsaniiru. Kun kan miidhuu inni guddaan haala hafuuraati.

▣ **"inni kan Kristos akka ta'e nuyiis immoo akkuma kana"** isaan barsiisooti dogogoraa kunni taayitaa hafuuraa mataa isaanii dubbatu garuu kan nPhaawulos in ganu.

▣ **"yoo"** kun THIRD CLASS CONDITIONAL SENTENCE, dha gocha dandeetiin guutamee argisiisa. (11:1-12, 13).

▣ **"Yoo of jajee"** kun (kauchaomai fi isa kan fakkaataan) jecha xalayaa qorontos keessatti irra deddeebi'ee fayyadama irra ooleera.

1. *kauchaomai* (ulfina, of jajuu 1 Qoro 1:29, 31, 3:21, 4, 7, 13:3, 2 Qoro 5:12, 7:14, 9:2, 10:8, 13, 15, 16, 17, 11:12 16, 18, 30, 12:1, 5, 6, 9).
2. *Kauchēma* (1 Qoro 5:6, 9:15, 16, 2 Qoro 1:14, 5:12, 9:3)
3. *Kauchēsis* (1 Qoro 15:31, 2 Qoro 1:12, 7:4, 14, 8:24, 11:10, 17)

Waa'ee fayyadama jecha isaa yaadannoo guutuu 1:12 fi mata duree addaa 1 qoro 5:6 irratti ilaali.

▣ **"Gooftaan kan kennee taayitaa keenyaan"** kun karaa Damasqoo irratti shakala inni qabaachaa ture argisiisa (Hoji.erg 9:15, 16, Roome 1:5, Galaa 2:9)

▣ **"Isin ijaaruuf malee isin diiguuf miti"** Phaawulos gaalee kana 13:10 keessatti irra deebi'a kun waamicha Isaayaas (Isaa 6) fi kan Ermiyaas (Ermi 1) wajjjin wal fakkaataa dha. Isaan laman isaa gochuudhaaf waamamaniruu. Phaawulos gochama wal fakkaata fayyadama (jechuun, *kathairesis*) lakk.4 keessatti kan ol jedhee yaada namaa diiguudhaaf lama kan inni fayyadame. Phaawulos wantoota tokko tokkoof yaada sammuu namaa keessaa diiguuf waamameera garuu waldaa kiristaanaa miti. Waa'ee waldaa kiristaanaatiif loluu fi waldaa kiristaanaa eeguuf waamameera (lakk.9). ijaaruu kan jedhuu mata duree addaa 8:1 irratti ilaali.

▣ **"In qaana'uu"** Phaawulos waa'ee mataa isaa in falma sababi isaa barsisooti dogogoroon waa'ee mataa isaa akka falmuu godhaniiru. Inni mataan isaa kan inni falmuu (1)Taayiita kennameef (2)waa'ee wangeela lallabee flmuudhaaf jedheeti.
Kun tarii kan inni argisiisuu abdii Kakuu Moofaati (Roome 9:33 fi 10:11, Isaayaasiin heeree 28:16) isaan Waaqayyootti kan amanatan in qaana'aan kan jedhuu Phaawulos eenyuun akka amanatu in beeka! Phaawulos waa'ee dirqama isaatii fi waa'ee waamicha caalchisee yoo of jajee illee (NRSV, TEV) ammas siri ture sababi isaa Waaqayyo waa'ee isaatii fi in lola ture. Taayitaa Phaawulos kan in fudhanee irratti itti murtaa'eera (1 Qoro 14:37-38).

**10:9** Xalayaan Phaawulos murtii fiduudhaaf osoo in ta'iin qalbi jijjiranaa fiduudhaaf ture (7:5:15a). garuu barsisoota sobduutiif seena biraa ture (lakk.8, 11, 13:10).

**10:10 "In jedhuu hoo"** "in jedhu" kan itti fufee jiruu kan Laatinii volgeet (MSS D Latin Vulget) fi Peshitta (jaarraa 5 hiikaa Sooriyaa) dha.baay'een hiikii Girikii inni kan jedhuu qaba, tarii kan barsisoota sobduu geggeessaa isa duraa argisiisuu danda'a (lakk.7, 11, 11:4).

▣ **"Qaama isaa yeroo ilaalamuu dadhabaa dha"** kan jaaraa 2 kalattiin qaama Phaawulos kan argisiisuu shaakalli kan dhufee Phaawulosii fi *Thekla* (Paul and *Thekla*.) kan jedhuu kutaa Macaafa Tesolonqe irraati. Innis kan jedhuu Phaawulosi moluu dha, gababaa dha, kabeelaa dha, fi ija keessa baba'aa qabaa jedha.
Phaawulos fuuli qaama isaa kan nama booji'uu in ture (Galaa 4:14). Tarii qaamni isaa alaa namummaa isaa keessatti kan jiruu waraansa foon isaa wajjin wal qabachuu danda'a (12:7) ani kana tarii dhukkuba ijaa ta'uu akka danda'uun yaada, tarii karaa Damaasqoo irratti kan jaamee jaamee irraa kan ka'ee ta'uu danda'a. gaaleen kun akka gaalee itti fufee jiruu tarii dandeeti haasaa bakee irratti kan Phaawulos argisiisuu danda'a falmiidhaa fi dhimma guddaa barbaachiisaa kan ta'ee (1 Qoro 1:17). Gaaleen kun yeroo baay'ee waltajjii irratti kan argamuu qaama alaa fayyadama irra ooleera (Bruce W. Winter, after Paul left Corinth, fuul 35).

▣ **"Haasaan isaas kan tufatamee dha"** kun PERFECT PASSIVE PARTICIPLE dha kun jecha Girikii cimaa dha (1 Qoro 1:28, 6:4, 16:11, Roomee 14:3, 10). Phaawulos baay'ee keessaa ba'aa haasaa kan danda'uu in ture (jechuun, haasaa Girikii tooftaa midheegfachuu 1 Qoro 1:17, 2 Qoro 11:6). Phaawulos haasaadhaan cimaa ture, haasaan isaa kan dubbatuu sirritti Alexsaanderiyaati kan leenji'ee lalabaa ture. Haa ta'uu malee Phaawulos tooftaan dubbii isaa dadhabaa akka ta'ee in dubbaa (11:6) ergaa fi taayitaan isaa garuu Kristoos biraa ture.

**10:11** Phaawulos ergaa cimaa garuu qaama dadhabaa qabaachuu isaatiin isa hammeessu turan barsiisonni sobduun yookiin barsiisaa sobaan. Phaawulos cimina ergaa isaati isaan kan dhugaa ba'aaniif haalli sirratee fi gidduu isaanitti utuu argamee immoo gochaanis immoo akka isaanitti argisiisuu in mirkaneessa.

## II Qorontos 10:12-18

**[12]Nuyii wara ofiif dubbatan sanati of lakkaa'uudhaaf yookiis isaaniti of qixeesuudhaaf ija hin jaabatnu, isaanitti of qixeesuudhaaf ija in jaabatnu, isaan ija ofi isaanitiin wali safari, wali isaanitis wali in qixeensu, kunnis goowuma isaaniti*. [13]Nuyi garuu safara malee ofi hin jajnu, ofi jajuun keenya isa Waaqayyoo hojiidhaaf safaree nuuf laanan , nu'is immoo ittiin isin bira geenye keessaa in ba'u. [14]Nuyi akka waan kanaan dura isin bira in ga'in jirutti isiniti hin hixaxnu nuyii duraan dursinee wangeela Kristos fidne garaa keeaan dhufneera*. [15]Hohi namootiin bira itti dadhabaniin safara malee ofi hin jajnu; yeroo amantiin keessan guddatu immoo nuyiis akka hojii Waaqayyo safaree nuuf kennetti, isin birratti nama guddaa akka taanuu in abdatna. [16]Ammas nuyii isa namani kan biraa lafa hojii isaatitii hojjeetee qopheesseen utuu of hin jajin isin garasitti iyyuu darbinee wangeela in lallabna*. [17]akkuma caafamee jiruu iyyuu "Namni of jajuu, gochaa gooftaatiin of haa jajuu*!" [18]Nama gooftaan dubbatuuftuu fudhatamaa ta'uu danda'a malee namni ofif dubbatuu fudhatamaa ta'uu hin danda'u*.**

**10:12 "Haa ta'uu malee isaan mataa isaani wajjin yeroo wal madaalchisan, mataa isaani wajjin yeroo wal bira qaban in hubatan"** Phaawulos galata namaa 3:1 (10:18) keessatti in tarreesa, amma inni kan namaa wal bira qabuu babalisa. Ifatti isaan barsiisootni dogogoroon kun mataa isaanii ajaa'ibsifachaa kan isaa gadi qaqabaa mataa isaanii Phaawulosi wajjin wal dorgomsiisaa jiru. Phaawulos qayyabbannoon Kakuu Moofaa isaa kun ija malee ta'uu isaa beekeera (1 Saamu. 16:7, Fakk 21:2). Tarii inni bara Yesusitti mataa isaani waa'ee war ajaa'ibsifatanii wanti inni beekuu jira (luqaas 10:29, 16, 15, 18:9, 14). Lakk.1 irratti akka jiru kan ciigoo bakka kanas jira. Phaawulos boca barreefama kanaa 1 Qoro keessatti irra deddeebi'ee fayyadama. Lamaanutiin jechoota ifa ta'ee taphi lamaaniin AORIST ACTIVE INFINITIVES gidduu jira.

1. *egkrinai* (*en* fi *krinō*), garee tokko keessa kan jiran murteessuu
2. *sugkrinai* (*sun* fi *krinō*), wal dorgomsiisuun murteessu.

Codex bezae jaarraa 5tti barreefama keessati lakk.12 irraa dhuma isaa fi lakk. 13 seensa gaaleen haffee jira. Iji isa hiikuu "uo" kan jedhuu irraa lakk. 12 irratti lakka. 13 irratti gara argamutti gara "uok" kan irra utaalee fi jecha gidduu jiru ("in hubatan". Garuu nuyi in goonuuu") kan jedhuu kan irra utaalee fakkaata. Kun itti fufee kan jiru barreefama miila jalatti kan seera barreefamaa Hisipi extual criticism irratti ilaali. UBS[4] gaalee kana kan itti dabalee "b" irra kaa'aa.

▣ **"In hubatan"** kun hima naasisaadha.

1. Falaasifoota Girikii beekumsa baay'ee akka qaban wanta isaan ittin of jajan gadi buusa.
2. Qoratootni Ibiroota fakkeenya horii godha.

**10:13** Phaawulos waa'ee waamicha Waaqummaa isaa itti gaafatamummaa isaa irra deeddeebi'ee kaafaa (fakkeenyaaf shaakala karaa Damaasqoo Hoji. Erg 9:22-3-16, 26:9-18) ergamaa hormooaa ta'uuf kan waamamee.

Galateefachaasi wal dorgomsiisaas miti garuu fedha Waaqayyoo dubbachaa jira. Isa irra kan jiruu waamicha Waaqayyoo bakka bu'aa ormootaa ta'uu isaa waldaa kiristaanaa Qorontos dabalatee lakk. 14-15).

▣ **"Waaqayyoo akka nuu murteessetti"** qayyabbannoo NASB macaafa qulqulluu fuula 1701 irratti waa'ee gaalee kanaa yaada gaarii ta'eetu kenna.

> **"10:13 Waaqayyoo akka nu murteeseeti"** Phaawulos sammuu isaa keessa kan turee fakkiin tarii kan fiigdootaa drgommii ta'uu danda'a asitti fiigdootni adda addaa sararii akka sararamuuf. Hagumma kanaan "daangaa" kan jedhuu "sarara" jedhamee hiikamuutu irra jiraata, achitis Waaqayyoo isaaf karaa sarareef innis Qorontosiif ergamaa isa jalqabaa godhee gara isaani fideera. Isaan barsiisoonni dogogoroon kun akka godhaa jiran kan isaanii kan biraan sarara isaan fiigan cabsuudhaan gara daangaa isaanitti galanii hojii isaanii akka bira ga'aani lakkaa'uudhaaf yaada in qabaane. Kan biroon jechii Girikii bifa gaaffiittin kan murtaa'ee daangaa taayiitaa akka argisiisuu in hubatu.

**10:14 "Gara keessan akka in geenyee goonee daangaa irra in darbinuu"** kun kan biraa *huper* "huper" wal makaa, *huperekteinō* dha. 1 Qoro 2:1 irratti Phaawulos huper akkamitti akka fayyadamuu ilaali,

▣ **"Wangeela Kristos haga keessanitti illee geenyeera"** waldaan kiristaanaa Qorontos kan inni hundeessee Phaawulos yeroo ta'uu barsiisootni dogogoroon garuu hojii kanaan galateefamuu barbaadu (lakk.18b).

**10:15 "Dadhabii warra biraatiin haga maleetu of jajna"** isaan barsiisootni dogogoruun kun Phaawulos kan dhaabee waldaa kiristaanaa gallatefamuu barabaadu.

**10:16 "Isini as kan jiruu biyyii haga lalabnuuti"** kunni Phaawulos gara Roomi yookaan Ispeeniin deemuuf adeemsi inni karoorsee kan argisiisuu fakkaata (Hoji.erg 19:21, Room 15:22). Waldaan kiristanaa hundeefaman waldaa kiristaanaa Yerusaamitii fi horii gargaarsaa buusuu irratti fi naanoo lixa Meeditirihaniyaati biyyoota jiran deemee waldaa kiristaanaa yeroo dhaabuu akka gargaaran barbaada.

Gara sanatti kan jedhuu kun *huper*" biraa dha "wal makaa" *huperikteinē* dha. 1 Qoro 2:1 irratti Phaawulos huperiin akkamitti akka fayyadamuu ilaali.

**10:17 "Kan of jajuu garuu gooftaan of haa jajuu"** kun beektoota torbatamani irraa Ermi 9:23-24 irraa kan fudhatamee dha. Dabalataaniis 1 Qoro 1:31 irratti heerameera. Of jajuun namaa hundumtuu akkasumaan. Of jajuu kan jedhuu mata duree addaa 1:12 ilaali.

**10:18** gaaffiin sirriin Yesus kan inni mirkaneessee barsiisa yookaan xin-waaqummaa isa kami dha kan jedhuu dha (1 Qoro 4:1-5).

## Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Boqonnaa 9 fi 10 giddutti kan jiruu riqaa ce'umsaa ibsi.
2. Barsiisotni dogogoroon wantootni tokko tokkoo maal maal fa'ii?
3. Phaawulos barsiisooa dogogoruu wajjin waraanni inni qabuu argisiisuudhaaf jecha loltuu kan inni fayyadamee maaliif?
4. Isaan barsiisonni sobduun amantootni amanamoon garuu barsiisa xixxiqoo fi xin-waaqummaa irratti dogogora kan qabanii dhaa yookaan namoota wangeela dhugaa irraa deebisuudhaaf geggesitoota barsisoota dogogoroo kan ta'aanii dhaa?

# II Qorontos 11

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Phawlosii fi ergamoota sobduu | Amanamummaa isaaniif yaaduu | Warra isaan mormaniif deebii Phaawloos | Phawlosii fi ergamoota sobduu | Phawloos galata isaa dhageessisuuf kakkaafame (11:1-12:18) |
| 11:1-6 | 11:1-4 | 11:1-6 | 11:1-4 | 11:1-6 |
| | Phawlosii fi ergamoota sobduu | | | 4:6-13 |
| | 11:5-15 | | 11:5-6 | |
| 11:7-11 | | 11:7-11 | 11:7-11 | 11:7-11 |
| 11:12-15 | | 11:12-15 | 11:12-15 | |
| Akka ergamaatti giiraa Phaawloos | Utuu hinbarbaadin of jajuu | | Akka ergamaatti giiraa Phaawloos | |
| 11:16-29 | 11:16-29 | 11:16-29a | 11:16-29υ | 11:16-29a |
| | Waa'ee Kiristoos gidiraa arguu | 11:21b -29 | 11:21 b -29 | 11:21 b -29 |
| 11:30-33 | 11:22-33 | 11:30-33 | 11:30-33 | 11:30-33 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

ILAALCHA QABIYYEE

A. Boqonnaa 10-13tti seera barreefamaa wal fakkaataa qabu. Kutaa kana keessatti 2 Qorontos keessatti boqonnaan dursuu baay'ee karaa irraa adda ta'ee barsisootni sobduun isa irratti mormii kaasaani Phaawulos bifa adda ta'een waa'ee mataa isaa falmata wangeela Phaawulos gatii dhabsiisuudhaaf yaalii godhanii isatti kan qoosan godhani turan.

B. Phaawulosi isaani waa'ee isaan ceepha'aan himata boqonnaa 11:4, 8:12-15, 18-20 irratti deebii laata.

C. Phaawulos tajaajila isaa ilaalachiisee amantoota Qorontos dubbii dhoksaati fi jecha ciigoo fayyadama (3, 7, 19, 20, 21)

## II Qorontos 11:1-6

**[1]Gowwummaa koo isa guddaa xinnaa akka anaaf dandeessan nan hawwa; eyyee, anaaf in dandeessu.* [2]Ani akka durba namanamtuutti Kristos abbaa manaa tokkichatti isin heerumsifachuu dhaaf isin kaadhimachiisee waanan tureef, akkuma Waaqayyo hinaafu, anis isiniif nanhinaafa *. [3]Akkuma bofni haxxummaadhaan Hewwaanin gowwoomsite, yaadni keessanis immoo karaa irraa kaatee, Kristos isa garaa qulqulluudhaan of kennitaniif sana irraa garagaltu jedhee sodaadheera*. [4]Namni tokko dhufee, isa nuyi isinitti lallabne malee, Yesus isa kan biraa yoo isinitti lallabe yookiis isa kanaan dura fudhattan malee, hafuura kan biraa yoo fudhattan yookiis isa kanaan dura simattan, calluma jettanii in dandeessu jechuu dha*. [5]Ani karaa tokko illee ergamoota warra hundumaa irra caalan kanaa gaditti waanan ilaalamu anatti hin fakkaatu*. [6]Dubbii nama dhageessisuutti bartuu miti; nuyis kun karaa adda addaatiin, waan hundumaattis isin biratti akka beekamu gooneerra*.**

**11:1 "Utuu naa obsitanii gaarii ta'aa ture"** kun kan hin xumuramin giddu galleessa kan argisiisuu (IMPERFECT MIDDLE INDICATIVE) dha. Kun MIDDLE VOICE (sagallee giddu galeesa) boqonnaa 10 wajjin cimsa kan dhuunfaa kan qabuu kan kennamee seensaa wajjin wal fakkaata. IMPERFECT TENSE jechuu kan qabuu (1)kanaan dura gocha irra deddeebi'ee godhame (2)ka'umsa gochaa, lakk.kun lakk.2 irratti kan jiruuqabiyyee isaa sirritti simata. Yaadannoo guutuu "in obsituu" lakk.jedhuu 4 irratti ilaali.

▣ **"Gowwummaa koo xiqqoo"** Phaawulos duraan dursee waldorgomiin foon irraa ta'ee gowwummaa akka ta'e dubbateera, garuu barsiisootni sobdooni isa kan kolfaa godhanii itti fayyadamaniiru. Kanaafis kan soofistootaa tooftaa barreefamaa fayyadamu (jechuun, boonuun) isaan irratti (jechuun, ciigoo kan ta'e). Kana irraa bu'aa isaanitiif jecha waldaa kirstaanaa duratti mataan isaa dhorkuutuu irra ture. Lakk.21 fi 17 akka cimsuti kana gochuu isaatiin gowwaa akka ta'ee itti dhaga'aama.

▣ **"Ta'us dhugumatti naa obsaa"** kun (NASB, NKJV, NJB) kan ammaa giddu galeessa kan argisiisuu (PRESENT MIDDLE INDICATIVE) yookaan NRSV, kan ammaa xiyaafataa giddu galeessaa (PRESENT MIDDLE IMPARATIVE) dha. Maaliif dhaga'uun akka irra jiraatu lakk.2, 4 5 keessatti kan tarreefaman sababa sadituu jiru. Sababawwan kun tokkon tokkoon isaani jecha ingililifaatiin "for" "dhaaf" kan jedhuun ilaalateera.

**11:2 "Dhiira tokkoof isin kadhimadheera hoo"** Phaawulos akka hundeesaa waldaa kanaatti qooda maatii fudhachuudhaan isaan Kristoosiif kadhimuu dha (Efe 5:22, 23, Mul' 19:9, 21:2, 9, 22:7). Waaqayyoo akka abbaa manaa ta'ee kan dhi'aatee yaada kakuu moofaa Isaayaas 54:5, 62:10 fi Hosee 1-3, 11:1-4 keessatti argama.

▣ **"Isiniin Kristoosiifan dhi'eesse"** kun kakuu moofaati seera gaa'ilaatiif jecha ooluu dha. Phaawulos yaada wal fakkaataa kana Efe 5:25-28 irra deebi'a. Phaawulos waldaa kiristaanaa Qorontos isaan barsisoota sobduu naanna'aan dhaga'uu isaanii ogummaadhaan ifachaa jira. Jechuun namoota isaan garaaran haala hafuuraa ija kan hin qabne ta'eera (jechuun, kan kakuu moofaa iji hafuuraa).

**11:3 "Bofni jalina isaatiin Heewwaniin akka dogogorsee"** kun Seera uumamaa 3 keessatti seena jiru argisiisa (1 Xiimo 2:14). Bofni Yaahiwwee irraa Heewwanin akka salphaati mataa ofitti amanuu akka geggeesee hubadhu "in dogogorse" jechi jedhuu (*exapataō*) kakuu haaraatti Phaawulos qofaan fayyadama irra ooleera. Roomee 7:11, 16:18, 1 Qoro 3:18, 2 Qoro11:3, 2 Teso 2:3, 1 Ximoo 2:14). *Apataō* hiika beektoota torbaatamaani bifa jabeeseeni (Sapetuapint) Seera uumamaa 3:13 irratti waa'ee Hewwaan fayyadama irra ooleera. Efe 5:6 fi 1 Xiimoo 2:14 (al lama) Phaawulos in fayyadama dogogorsuun alaas keessaas dhufuu in danda'a. amantootni yeroo hundumaa damaqanii eeguutu isaan irra jiraata. Hameenya jechi jedhuu (*panourgia*) "hundumtuu" (*pan*) fi "hojii" (*ergon*) kan jedhuu jecha lama irraa kan argamee dha. Ergaa isaa Qorontos irratti Phaawulos ala lama fayyadameera (1 Qoro 3:19, II Qorontos4:2). Phaawulos amanaa mudachuu kan danda'uu lola hafuuraa hubateera (Efe 4:14).

Hamaan ijoollee namaa irratti dhiibbaan inni qabuu Roomee 1-3 irratti akkasumas amantoota irratti dhiibbaa inni qabuu Roomee7, Efe 6:10-19 ibseera. Phaawulos barumsa Waaqayyummaa fincila ergamootaaf fincila ilma namaa jalqaba.

Gowwoomsaa kan jedhuu mata duree addaa 2:12 irratti ilaali.

▣ **"Yaadii keessan badee"** *phtheirō* jechami jedhuu gocha hojii irra oole gocha bukkee (AORIST PASSIVE SUBJUCUBJUNCTIDE) dha. Seera uumamaa 3 bal'inaan ibsuudhaaf Phaawulos "baduu" "baleessuu" jecoota jedhaniin haala seera qabeessaan irra deddeebi'uudaan fayyadama (7:2, 11:3, 1Qoro 3:17, 15:33, Efe 4:22). Mata duree addaa 1 Qoro 15:42 irrati ilaali. Amantootni hamaadhaan gowwoomfamuu nyaatamuu, mo'amuu in danda'uu!

▣ **"Qajeelumaa"** 1:12 irratii yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Qulqullummaa"** qulqullummaa jechi jedhuu kan inni jalqabuu. MASS P46, a*, B, fi G (NASB, NRSV, TEV, NIV) keessatti argama. MASS p46, a[c], Dc, H, K fi P (NKJB, NJB, REB) keessatti immoo in argamu MSD* immoo dubbifama dheeraa ta'e qaba jechi isaa garuu faallaa isaa duraa boodaan taa'ee jira. Qorataan ogbaruu isa kamtuu isa jalqabaa akka ta'ee wali in galan garuu jecha qulqulluu jedhuu lakk. 2 irraa fudhata akkasumas tokko tokkoo irratti baay'ee gaarii fi warra duriitiin bakka baay'eeti barreefama argaman keessatti illee galfamaniru.

▣

**NASB** **"Gara Kristositti jabaachuu"**
**NKJV** **"Sun Kristosiin"**
**NRSV**
**NJB, NIV** **"Gara Kristositti jabaachuu"**

Dur gali hojii irra oolee kun (ABLAIEE PREPOSITION) *apo* wal harkifataa sadii qaba (OBJECTS) wal barsiisa.

1. Amanamummaa irraa
2. Qulqullummaa irraa
3. "Gara Kristos" tif

Lakk.3 irratti waabiin jiruu maaliidha? Hiikii ingli baay'een "damaqinaa" in dhi'eessuu garuu "Kristosiif" kan jedhuu gaaleen ajaabsiisaa Phaawulos kan ta'ee Kristoos irratti kan ta'ee amantii dhuunfaa ilaalachuu danda'a.

**11:4 "kan dhufus"** kun FIRST CLASSA CONDITIONAL SENTENCE ilaalcha barreesichaatiin kayyoo ogbaruutiin dhugaa akka ta'ee dha kan tilmaamamu. Kun isa guddaa boqonnaa 17, 10 keessatti kan argamuu ittii gaafatamaa barsiisoota sobduu kan argisiisu fakkaata.

▣ **"Kan nuyi in lallabiin kan biraa Yesus yoo lallabee"** isaan barsiisootni sobduun kun waa'ee wantoota xixiqaa mitii walii galuu dhiisuu isaanii argisiisaa kan jiran haa ta'uu malee eenyummaa Kristoos fi hojii isaa irratti malee (1Qoro 3:11). Isa jalqabaa hundumaa walii wajjin gochuudhaan yeroo ilaaluu isaan barsiisootni sobduun kun macaafa Galaatiyaa irratti akka mul'ateetti kan Yihuudootaa Judaizers fi kan Heelinistootaa jechuun soofistoota (*Sophists*) wal makaa dha. Isaan kun Yerusaalemii bakka bu'anii kan dhufan dhaqna qabaa irratti xiyaafannoo kan godhuu dhiiseera, sababa isaa ta'uu kan danda'uu Hojii Erga 15 irratti Yerusaalemitti kan godhamee wal ga'ii irraa kan argamee dha. Garuu seera Yihudootaa haga tokkoo kan Helenistoota Soofaastis ilaalchaa wajjin walitti dabaluudhaan yookaan waliin makuudhaan itti fufaaniru.

Phaawulos barsiisoota sobduu isa kan ittiin komatan komiin isaani fayyadamuu danda'a. Tarii "wangeela biraa" akka lallabuu godhee komatanii ta'a.

Macaafni qulqulluun jecha hafuura Waaqayyoo ta'uu isaa kan amanuu nuyii deebisuun kan nurra jiraatuu gaaffiin baay'een jiru.

1. Kakuu haaraa ilaalcha kakuu moofaa keessatti taanee in dubbifna yookaan kakuu haaraa hiika caaluu qabaataa?
2. Jechoota Phaawulos (yookaan barreessaa kakuu haaraa kamiin iyyuu) akkuma jecha hafuura Yesuusitti?
3. Barreesitoota kakuu haaraa giddutti garagarummaan tokko tokkoo jiraachuun isaa hiiktoota giddutti dhimma tokko tokko irratti garagarumaa yaadaa tokko tokkoo akka qabaatan sababa ta'aa? Hiiktoota duraatiin (jechuun, kan Girikii fi Laatinii abboota waldaa kiristaanaa isaan boodaas kan ka'an Augistiin, Akurinaas, Luteer, Kaalviin kkf...) gidduttis wanta tokko kanaa in hiyamnaa? Yookaas bifa biraatiin yoo teessifne, namani tokko akkamitti kallattiidhaan kan jiruu hubata yookaan (in hiika, yookaan in murteessaa)?

▣ **"Yookaan kan isin hin argannee hafuurrii addaa"** tokko tokkoo kanaa hafuura qulqulluudhaaf akka heeranitti hubatu (Galaa 4:6 TEV) garuu kana yookaan (1) hafuura soda fi garbummaa (Roomee 8:8, 15, 2

Xiiimoo 1:7) yookaan (2)hafuura gammachuuf nagaa (Roomee 14:17) wajjin wal qabsiisuuf caalaatti kan ta'uutu irra jira. Qayyabbannoo caaluuf "hafuura" kan jedhuu 1 Qoro 2:11 irratti ilaali.

"Adda" jechii jedhuu *heteros* dha jechuun adda ta'ee wantoota biraa irraa. Phaawlos kan mataa isaatii fi kan barsiisota sobduu ergaa waliin dorgomsiisaa jira (Galaa 1:6). Kun asii fi Galaa 1:6-9 irratti rakkina heeramani wajjin wal fakkaataa dha.

▣ **"Yoo argatan…. In obsituu"** gochamni Girikii *lambanō* fi dechomai wal fakkaataa dha. Kan lamanuu hiikii hundee qabeessi waan tokkoo qabuu argisiisa. Louw and Niida's Greak Inglish Lexicon guca tokko irratti kan jiran yaadannoowwaan baa'ee faayidaa qabu.

1. "Wanta tokko yookiis mi'a tokko fudhachuuf yookaan bu'aan isaa yookaan kakka'umsi isaa isa kennuu bira kan dhi'aatuu, yookaan kan kennichaa kallattiin xiyyaafannoon isa fudhatu irratti ta'a" (Fuula 572).
2. 31 irratti kan jiruu yaadannoon miila jalaa "*Lambanō* fi *dechomai* gidduu tarii beekuun kan nama rakkisuu garaagarummaa qabaachuu danda'a. Kennicha karaa isa fudhatuutiin haalaa caaluun hirmaanaa kan argisiisuu kan boodaa irratti, haa ta'uu malee kun qabiyyee jiruu wajjin murtaa'uu in danda'u" (fuula 572).

Anaaf akka amantoota wangeelaatti waldaan kiristaanaa amanuu koo jechawwan kanaa wangeelaaf deebii ta'uu waa'ee kennuu jechoota barbaachiisaa dha (Yoha 1:12). Sagallee abdii Waaqayyoo, hojiin kristoosiif hafuuraan sosobuun itti fufeenyaan deebii sirrii argachuu kan qabuu dha. Isaan kun kakuudhaaf yaada hundee qabeessa hojeetu (jechuun, Waaqayyoo ka'uumsa ta'aa namni garuu deebii kennuufitu irra jiraataa).

*Lambanō* qabiyyee kana keessatti irra deddeebi'ama (11:4, 8, 9, 24, 12:16).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Tarii garuummaadhaan in obsituu"** |
| **NKJV** | **"Garuumaadhaan in obsitu"** |
| **NRSV** | **"Haala ga'aadhaan in obsitu"** |
| **TEV** | **"Gammachuudhaan in obsituu"** |
| **NJB** | **"Fedhaa fi garuummaadhaan in obsitu"** |

Kun tarii xiyaafaataa ammaa giddu galleessaati (PRESENT MIDDLE IMPERATIVE) yookaan kan ammaa gidduu galeessa kan argisiisuu (PRESENT MIDDLE INDICATIVE) dha. Kiristaanonnii AQorontos isaan barsiisota sobduu kana dhaga'uudhaaf fedha qabaachuu isaanii kan isaan waranuu jecha ciigooti.

Phaawulos kana *anechomai* jecha jedhuu boqonnaa kana irratti irra deddeebi'uudhaan fayyadameera lakk.1, 4, 10, 20). Lakk.1 irratti obsuu jecha jedhuu wajjin bifa wal fakkaataadhaan fayyadama irra ooleera. (1 Qoro 4:12) garuu 4, 19, 20 lakkoofsooti wal danda'uu bifa argisiisuun haasaa ciigootiin fayyadama irra ooleera.

**11:5 "Mataa koo in lakkaa'uu"** ogbaruu kana keessatti Phaawulos yeroo baay'ee *logizomai*, jechama jedhuu fayyadama (10:2, 7, 11, 5, 12:6). Jechi kun tarii soofistootaa fi barsisoota sobduu jecha kiyyeessuu yookaan yeroo baay'ee jecha isaan itti fayyadaman ta'uu danda'a.

▣ **"Wanta tokkoon illee akkan hiradhe"** gaalee kana keessatti gochamni jiru PERFECT ACTIVE INFINITIVE dha. Phaawulos yeroo kamitti duris ta'ee amma innii taayitaa qaba kan jedhan Yerusaaleemiin kan jiran ergamoota irra akka xinaatuu mataa isaa lakkaa'ee in beeku (12:11). Ilaalchi kun Galaa 2:11-2:14 irratti Phaawulos ergamaa ta'uu isaa bakka mormii irraa ka'eera.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB,NKJV** | **"Isaan kana ergamoota warra gurguddoo"** |
| **NRSV** | **"Isaan kana ergamoota warra olaanoo ta'aan"** |
| **TEV** | **"Isaan kanaaf baay'ee adda kan ta'an ergamoota keessaniif"** |
| **NJB** | **"Isaan kana keessaa ergamoota ol jedhan"** |

"Kun ibsa ciigoo kan ta'ee jecha Girikii lamaa *huper* (jechuun, olii fi olii fi *lian* walitti kan hidhatanii dha) guddaa fi kan caaluu). Ibsi gaalee kun bakka baay'eetti kan hin argamne yeroo ta'uu Phaawulos isa kana asitti fi 12:11 irratti argama. Lakk.5 qabiyyee isaatiinis seer luga isaatiniis ifatti kan barsiisoota sobduu kan argisiisuu lakk. 4 wajjin kan wal qabatee dha (lakk. 13-15). Phaawulos "ergamaa" jecha jedhuu bifa jecha ciigoo ta'een karaa lama fayyadama. (1) kudha lamaanuu (2) namoota waldoota kiristaanaa irraa ergaman (lakk 13). Isaan barsisootni sobduun kun ifatti Yerusaaleemiin kan jiran waldaa kiristaanaa wajjin bifa murtaa'een walitti

dhufeenya qabu (lakk 22 hundee Yihudootaa akka qaban argisiisaa 12:1 immoo shaakala sosochii hafuura qulqulluu akka qabana argisiisa.

▣ **"Warra gurguddoo irraa"** (*huperlian*) waa'ee *huper* fayyadamani Phaawulos 1 Qoro 2:1 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali.

**11:6 "Wanta tokkoon illee"** kun sadarkaa tokkoo hima haalaati (FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENCE) Phaawulos jecha Girikii barreechuu isaa fi jabina isaa akka hin taanee fudhateera. Jabinnii isaa ergichii qabiyyee hafuuraa qaba ture.

▣ **"Haasaa kootiin kan hin barannee yoon ta'e illee"** jechi kun fayyadama irra kan oole "ogummaadhaan kan hin leenjifamne" bifa haala jedhuutiin (Hoji.erg. 4:13 waa'ee Pheexiroosii fi Yohannis fayyadama irra haala karaa ooleeni fi 1 Qoro 14 irratti waa'ee kennaa hafuuraa namoota beekumsa hin qabne irratti fayyadama irra bakka oolee). Phaawulos dandeeti haasaa isaatitin dubbachuu isaa wajjin kan wal qabatuu fakkaata (10:10, 1 Qoro 1:17) kun kan barsiisoota sobduu yaada isaanii ifatti kan argisiisuu isaan dandeettii haasaa kan qaban ulfina dha. Helleenaawwani kun (jechuun, Sophists) ka'msi BACK GROUND KAN QABAN ARGISIISA. Bruce W. Winter, *Philo and Paul Among the Sophists* ilaali.

## II Qorontos 11:7-11

**7Ani wangeela Waaqayyoo gatii malee waanan isinitti lallabeef, akka isin ol ol qabamtaniifis gadi of deebisuu kootiin cubbuun hojjeedhee ree*? 8Gargaarsan isaan irraa argadhuun isiniif hojjeechuudhaaf waldoota warra kaan saamera*. 9Isin bira utuun jiruu yeroon waa dhabettis, obboloota warra Maqedooniyaadhaa dhufantu wanta na barbaachiisu na danda'ee malee, ani nama tokkotti iyyuu ba'aa hin taane; akkuma ani kanaan dura eeggadhe, gara fuula duraattis ba'aa akkan isinitti hin taaneef nan eeggadha*. 10Dhugaa Kristos isa na keessa jiruu ti! Of jajuun koo kun kutaa biyya Akaayyaatti na duraa hin cufamu*. 11Waanan isin hin jaallanneefan akkas jedhaa? Waaqayyo beeka, isin nan jaalladha!**

**11:7 "Isiin akka hojjeetaniif mataa koo gadii of buusee cubbuu godhee ta'aa hii"** "miti" deebii jedhuu gaaffii eegatuu dha. Kun Phaawlos kafalti tokko illee waldaa kiristanaa Qorontos irraa kan hin fudhannee ta'uu isaa mormuudhaaf kan mul'isee kan biraa fakkeenya ciigooti (1 Qoro 9:3-18).

"Cubbuu" jechi jedhuu (*hamartia*) namuusi haala itti hir'ateen "dogogora gochuun danda'a" yookaan "murtii wal dha'aa" jechuu dhaan fayyadama irra kan oole. Hubadhu, qabiyyee, qabiyyeen hiika jechichaa murteessa. Kan duraa hiika barumsa Waaqayyummaa jechi taa'ee eessatti illee yoo argatee of eegadhu!

▣ **"Wangeela Waaqayyoo"** wangeela Waaqayyoo kan jedhuu (2:12, 9:13, 10:14) dabalataaniis wangeela Waaqayyoo ta'uu isaahubadhu.

**11:8 "Kan biroo waldoota kiristaanaa saamee"** Girikootii fi warri Roomaa barsiisootni isaanii naanna'aan in kafaluuf turan, haa ta'uu malee Phaawulos kun barsiisoota sobduudhaaf ka'umsa ceephoo ta'uu isaa beekeera kanaafis waldaa kiristaanaa irraa gargaarsa horii fudhachuu dide (yookaan waldaa kirstaanaa kan biraa kam irraa illee isaan gidduu dhaa isaan giddutti hojjeechaa 1 Teso 2:5-9, 2 Teso 3:3:7-9). Phaawulos erga ba'ee booda garuu Filliphisi'uusiif waldaa kiristaanaa Tesolonqee irraa kennaa fudhateera (Filli 4:15-18 fi tarii 1 Teso 3:6). Ifatti miirii waldaa kiristaanaa kanaa in miidhama (lakk.11 12:13, 14, 1 Qoro 9:12, 15, 18).

▣ **"Waldoota kiristaanaa"** 1 Qoro 1:2 irratt mata duree addaa ilaali.

▣ **"Isin tajaajiluudhaaf"** 1 Qoro 4:1 irra kan jiru garba tajaajilaa mata duree addaa ilaali.

**11:10 "Dhugaan Kristoos ana bira akka jirutti"** kun amanamummaa Phaawulos dubbii haalaatiin kan argisiisuu yookaan Phaawulos jecha hafuuraa akka qabuu kan argisiisuu dha (Roome 9:1). "Dhugaa" kan jedhuu mata duree addaa barreefama Phaawulos keessatti 13:8 irratti ilaali.

▣ **"Of jajuun kun ana birratti biyya Akaayaati in dhowaamne"** kun hiika namoota torbaataamatiin (saptuwaajentii ) keessatti bishaan hidhuudhaaf fayyadama irra kan oolee jecha Girikii cimaa dha. Phaawulos waldaa Qorontos irraa horii fudhachuu didee isa kanaas ifatti waltajii irratti yeroo baay'ee akka beekamu godhe. Of jajuu kan jedhuu mata duree addaa 1:12 irratti kan jiru yaadannoo ilaali.

## II Qorontos 11:12-15

**[12]Namoonni warri kaan of jajuudhaaf fucha argatanii, isaanii wajjin karaa tokkicha irra hojjenna akka nuun hin jenne gochuudhaaf, akkuma ani amma hojjechaa jirutti ittuma fufee nan hojjedha. [13]JArreen akkasii kun ergamoota sobaa ti, hojjetoota nama gowwoomsan, ergamoota warra Kristos waamee fakkaachudhaaf warra wallaalchifatani dha*. [14]Seexanni iyyuu ergamoota ifaa fakkaachuudhaaf waan wallaalchifatuuf, kun waan dinqisiisuumiti*. [15]Kanaaf hojjetoonni isaas hojjetoota qajeelinaa fakkaachuudhaaf yoo wallaalchifatan, kun waan guddaa miti, gara dhumaattis waan hojii isaaniitiif ta'u argachuuf jiru*.**

**11:12** Phaawulos diinaa isaa beekaa. Isaan isa kan ittiin komatan haala akka tasaa kamiin iyyuu hundumaa dhabamsiisuu yaada. Wangeelaa babaliuuf jedhee mirga isaatii fi bilisummaa isaa daangeessa (14:1-15:13).

**11:13 "Namoota akkas jiran hundumaa ergamoota sobaa turan"** isaan kun magaalaa dha ala kan jiran geggeesitooni amantaa tarii Yerusaaleem irraa ta'uu kan danda'an taayitaa akka qaban in dubbatu. Phaawulos ergamoota kana ergamoota sobaa fi obolloota sobaa jedhee waama lakk. 26.

▣ **"Hojeetoota hamoo"** jechi kun kan dhufee qurxummii qabuudhaaf fiixee kiyyoo irratti nyaata godhamuu jechuu kan ta'ee maqaa (maqaa) dha. Kaayyoo mataa isaaniitiif maqaa isaanii babalisuu fi jechuu fi amantoota Qorontos qabachuu yaaluu.

▣ **"Ergamaa Kristoos akka fakkaataan mataa isaani jijjiranii"** isaan kun kan goowwomfamani amantoota sirri miti. Isaan kun hafuuraan kan badan (lakk.14) waldaa kiristaanaa Waaqayyoo qoqooduuf kan yaalaan (1 Qoro 3:10-15) namoota. Gogaa hoolaa kan ufatan waangoota (Maati 7, Hoji.erg. 20:29, 2 Pheexi 2:21-22, Yihudaa 3-16).

"Jijjiramuu" jechi jedhuu (jechuun, *metaschēmatizō*) 13, 14, 15 lakkoofsoota keessatti fayyadama irra ooleera. Irra keessaa yookaan qaama alaa irratti waa'ee jijjirama godhamu dubata (Filliphu 3:21). Isaan kun (jechuun, barisisoota sobduu fi seexana) kan hin ta'in fakkaachuudhaaf mataa isaanii mul'isu.

**11:14 "Seexanni mataan isaa ergamaa ifaa akka fakkaatuu mataa isaa jijjire"** kun ifa kan ta'ee dhugaadha garuu bifa kanaan macafa ulqulluu keessatti eessumatti illee jecha kana hin dubbane. Kun tarii waa'ee Seera uumamaa 3 kan barsiisootaa jecha baratamee fudhatamee ta'uu danda'a (DSS cave 1, Manuual of Discipline 3:20, 24). Tooftaan seexanaa inni guddaan dhugaa fakkeessee dhi'eessuu dha (Uumama 3). Hamaan yeroo hundumaa gaarii fakkeessee hojjechuu yookaan gala galchuu yaala. Yeroo baay'ee barsisoonni sobaa waldaa kiristanaa keessaa ba'uu (2 Pheexi 2, 1 Yoha 2:18-19). Qaama hamaa kan jedhuu mata duree addaa 1 Qoro 7:5 irratti ilaali.

**11:15 "Yoo ta'e"** kun sadarkaa tokkoo hima haalaati (FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENCE) dha. Waldaan kiristaanaa Qorontosiin jirtuu hafuura seexanaatiin namoota hoofaman turan haras nu wajjin jiru.

▣ **"Tola tajaajiltootaa"** Phaawulos iddoo kanatti yeroo fayyadamuu jecha tola jedhuu yeroo baay'ee in fayyadamu. Asitti gaarummaa yookaan tola yaadachiisa (Maati 6:1) garuu bifa barumsa Waaqayyummaatiin tola amantiidhaan argaman miti (Roome 4). Tola kan jedhu mata duree addaa 1 Qoro 1:30 irratti ilaali. Tajaajilaan garbaa kan jedhuu 1 Qoro 4:1 irratti ilaali.

▣ **"Xumurri isaani akka hojii isaani ta'a"** kun haala fakkeenyaatiin 24:12 irratti kan jiru fakkaata. Dabalataanis kan macaafa qulqulluu hundee dhugaati. 5:10 irratti kan jiru yaadannoo ilaali.

## II Qorontos 11:16-21

**[16]Ani irran deebi'a, namni tokko gowwaa ana hin se'in! yoo kana ta'uu dhaabaate garuu, anis immoo xinnoo akkan of jajutti akka gowwaatti illee n fudhadhaa*! [17]Waa'ee amanannaa of jajuu kanaaf, akka isa gooftaan dubbachuuf anaaf kenneetti utuu hin ta'in, akka nama gowwaatti nan dubbadha*.[18]Namoonni baay'een akka yaada foonitti of jajuu erga ta'ee, anis ofan jaja*. [19]Isin iyyuu ofi keessanii ogeesota taatanii, warra gowwootaaf gammachuudhaan in dandeessuuf mitii*? [20]Namni garba yoo isin godhatee, yoo isin irraa nyaate, fucha argatee harka isaa keessa yoo isin galfate, yookiis asi gadii yoo isin ilaale, yookiis maddii keessa yoo isin kabala in dandeessuuf*. [21]Nuyii garuu waan akkasii nama irratti gochuutti dadhaboo akka turre yeella'aa nan dubbadha. Garuu waanuma namani tokko ittiin of jajuudhaaaf ija jabaatu, anis isumaaf ija nan jabaadha.**

**11:16 "Nama kamiif iyyuugowwaa kan taanee itti in fakkaatiin"** Phaawulos of jajuu isaatti in gammadu (lakk.1, 14). Isaan barsisooni sobduun kun Phaawulos tooftaa isaani akka fayyadamu dirqamsiisaniiru (Boqonnaa 10-13 barreefamni kan argisiisuu kan Heelenistootaa tooftaa haasaati).

"Gowwommaa" jecha jedhuuf 1 Qoro 15:36 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali. "Of jajuu" kan jedhuu 1 Qoro 5:6 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali.

▣ **"Yoo ta'ee"** kun sadarkaa tokkoo hima haalaati FRIST CLASS CONDITIONAL SENTENCE (jechuun, gochama in qabu). Isaan amantootni qorontos kun xalayaa Phaawulos dinqisifataniiru.

**11:17** Phaawulos 10:1 keessatti jireenya Yesusii fi amala (jechuun gadi of qabaummaa Yesusii fi amala qabeessummaa) irratti heerera garu, gara of jajuutti yookaan nama wajjin wal bira qabutti yeroo dhufuu Phaawulos Yesusiin dursee kan ta'ee waan tokko illee akka hin qabaannee amanutuu irra jira.

**11:18 "Baay'een wanta biyya lafaatiin waan of jajaniif anis immo ofan jaja"** kun kan boqonnaa 10-13tti xiyyaafannoo isa guddaa dha. Barisisoonni sobduun kennaa hafuuraa isaatii fi kan isaan dhaalaan mataa isaani wajjin wal dorgomsisuun Phaawulosii fi wangeela isaa mormaniiru (lakk.8) waldaan kiristaanaa namoota kana dhaga'uudhaan gorsa isaanitiin fudhatamani yoo ta'aani hoo jedhee Phaawulos dhiphateera.kanaafis waldaan kiristaanaa kun gara geggeessaa mataa isheetiti fi gara wangeela amanachuuti akka isaan fiduu fi mata isaa sadarkaa isaaniti gadi of buusuudhaaf murteesse.

**11:19-20** kun kallattidhaan waldaa kiristaanaa Qorontos jecha ciigoo waranuu dha. Barsisoonni sobduun isa kan ittin komatan wanta kamiin illee isaan immoo in shaakalu waldaan kiristaanaa bifa sirri ta'een deebii itti kennaniru.

▣ **"In obsituu hooti"** lakk.4 irrattti yaadannoo jiru ilaali.

**11:20 "Eenyu iyyuu garboota yoo isin godhe"** kun itti fufeeya kan qabu kan sadarkaa tokko hima haalaati (FRIST CLASS CONDITIONAL SENTENCE) in jalqaba (jechuun *kataeouloō*) bakka kanatti fi kara amantii Yihudoota duukaa kan bu'an kan ilaalatuu Galaa 2:4 irratti qofa fayyadama irra kan oole. Amanti Yihudootaa kan hordofan namni tokko kiristaana ta'uu fuula dura duraan dursee Yihuudi guutuu ta'un akka irra jiru mirkaneesa. Isaan barsisoonni sobduun amantii Yihudootaa kan hordofani wajjin akkamitti walitti dhufeenya akka qaban murteessuun in danda'aamu. Qorontosiin kan jiran barsisoonni sobduun fayyinaa wajjin kan qabsisan seera sirri ta'e ifatti in beekamne.

▣ **"Eenyuu iyyuu yoo isin nyaatee"** Phaawulos gochama kana ala lama qofa kan fayyadame aasi fi Galaa 5:15 irratti dabalataniis barsisoota sobduu wajjin walitti bu'iinsa keessa waldaa kiristaanaa jirtu argisiisa.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | |
| **TEV** | **"Isinitti fayyadama"** |
| **NKJV** | **"Isin irraa fudhata"** |
| **NJB** | **"Aboomi isaa gaditti isin eega"** |

kun *lambanaō* kan jedhu gochama baratamee dha, haasaa dubbii haalaatiin "qabachuu" jecha jedhuuf haala jechan ta'ee maxantuu dha. Garuu asitti bu'aa dhuunfaa walin dha'uu dha.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Mataa isaa ol of qaba'** |
| **NRSV** | **"Qilleensa irra ka'aa"** |
| **TEV** | **"Si tufata"** |
| **NJB** | **"Mataa isaa siin olitti ka'aa"** |

Phaawulos kana jecha gosa tokko 10:5 keessatti kan barsisa sobduu falmii fi kan gowoomsuu of jajuu argisiisuudhaaf fayyadameera. Jechi kun salphaa dhumatti 1 Xiimoo 2:8 irratti "kaasuu" kan jedhuu dha. Garuu 1 Qoro bifa alta'aadhaan of jajuu namaaf of tuulu argisiisuudhaaf kan heeramee dha.

▣ **"Yoo isin kaballee"** jechii Phaawulos ciigoon kan guutamee dha (lakk.21). inni isaani wajjin baay'ee gadi of deebisaadhaa fi amala qabeessa ture (10:1) garuu in simanne, barsisootni dogogoroon mataa isaani kan jaallatanii fi dogogorsoostaa Phaawulos garuu isaan ni jaallata.

**11:21 “Salphinaan nan jedha”** kun jechaa fi jechatti “salphinaan” dha. Phaawulos gadi of qabummaa isaa fi amala qabeessumaa sirritti akka in hubanneef barsisoota sobduuf akka waan gaariin godhamee fudhatamuu isaati dhaga’amee. Kun tarii ciigoodhaaf fakkeenya biraa dha.

▣ **“Dadhabii”** dadhabii kan jedhuu mata duree addaa II Qorontos12:9 irratti ilaali.

## II Qorontos 11:21b-29

**[22]Warra Ibiroota waan ta’aaniifi? Anis akkasuma; warra Israa’el waan ta’aaniifii? Anis akkasuma*; [23]Hojjetoota Kristos waan ta’aniifii? Isatti immoo ani nan caala. Kana akka nama qalbi hin qabneen rukutameera, yeroo baay’ees ani afaan boollaa ga’ee deebi’eera*. [24] anisi’a shan harka Yihudootaatti qacceedhaan afurtama tokko hir’u reebameera*. [25]Si’a sadii uleedhaan dhaanameera; si’a tokko dhagaadhaan rukutameera; si’a sadii caccabaa markabaa irran ture; guyyaa tokkoo fi halkan tokkoof galaana keessan ture*. [26]Ani adeemsa har’aa borii keessatti bishaan guutuudhaan doorsifamaa, warra saamtuudhaan doorsifamaa, warra saamtuudhaan doorisifamaa, saba kootiin doorsifamaa, warra saba koo hin ta’iniin doorsifamaa, mandara keessatti doorsifamaa, galaana irratti doorisifamaa, obboloota sobaatiin doorsifamaa tureera*. [27]Hojiitti dadhabuu, rakkina, halkan baay’ees hirriba malee buluu, beela, dheebuu, yeroo baay’ee hagabuu taa’uu, qorra keessatti qullaa ta’uu baachaan ture*. [28]Kana malees, guyyaa guyyaatti waldoota kiristaanaatiif yaadda’uun anatti ulfaachaa jira*. [29]Namni tokko in dadhaba yoo ta’ee, ani immoo isaa wajjin hin dadhabuu ree? Namni tokko cubbuutti yoo kuffifame, waa’ee isaatiif garaan koo ana hin gubatuu ree*?**

**11:21** Phaawulos abida abidaan deebisuudhaaf qophaa’aadha. Mudaama xalayaa wajjin wal dorgomsiisuudhaaf in barbaada, kanaafis ta’ii!

**11:22 “Hibirotaa hii? Ani immoo akkas”** kun gaaffiillee afran keessaa isa tokko. “Ibiroonni” dubbii haalaatii fi qooqa Haramaayikii dandeetii dubbachuu argisiisa (Hoji.Erga 6:1) garuu sanyiin Yihudii inni dhugaan kan isaan qaban bifa argisiisuunn. Isaan barsisoonni sobduun kun Paalastahinoota irraa kan ta’an amantaa Yihudoota duukaa kan bu’an itti gaafatamummaa kan qaban kun ragaa kanbiraa dha.

Kun “Ani immoo akkasuma” (jechuun *kagō*) kan jedhuu lakk. 22 keessatti yeroo sadii irra deebi’ameera

▣ **“Sanyii Isiraa’eelitti? Ani immoo akkas”** isaan kan kakuu moofaa kan Waaqayyoo saba kakuu ta’uu isaani ifatti of jajuu turan (Filli 3:5, Yoha 8:31-59).

**11:23 “Tajaajiloota Kiristoosi?”** Phaawulos bakka kanatti isaan waa’ee kiristaanoota ta’uu isaani mirkaneessaa hin jiru. Salphaadhumatti isaan kan ittiin of jajan taayitaa hafuuraa innis akka qabu falmuudhaaf jedheeti malee, isaanisPhaawulosi olitti taayitaa hafuuraa akka qabanitti dubbatu.

▣ **“Ani nan caala”** Phaawulos irraa en wajjin kan wal dorgomsisuu wantoota walitti fufiinsa ta’an qaba.

1. Dadhabidhaan baay’isee lakk.23
2. Hidhamuudhaan buufadhee lakk.23
3. Reebamuudhaan baayifadhee lakk.23
4. Du’uudhaan yeroo baay’een ta’e lakk.23
   a. Afurtama tokko hir’uu yeroo shan na reeban. (yeroo 5) v.24
   b. Dullaadhaanin rukkutamee (yeroo 3) lakk. 26
   c. Dhagaadhaan kuttamee (yeroo 1) lakk. 25
   d. Dooniin nan cabee (yeroo 3) lakk. 25

Isaan kana keessaa tokko tokkoo macaafa Hoji ergamootaa keessatti galma’aaniiru. Jaarraa jalqabaatti waa’ee waldaa kiristaanaa turtee sirritti wanti nuyii beeknu muraasa Phaawulos wangeela lallabuudhaaf gatii baay’ee kaffalleera.

**11:24 “Afurtama tokko hir’uu yeroo shan na reeban”** kun kan mana murtii mana sagadaa adaba godhamu argisiisa (Keessa deebii 25:1-3). Reebichichii kan inni godhamuu ulleedhaan (Ba’uu 21:20, Fakkeenya 10:13, 19:29, 26:3) waltaji irratti kan inni raawwatamuu, adabi akka kana Gibxiidhaa fi asooritti in godhama ture. Israa’eelitis in geggeefama (Isaayaas 50:6, Ermi 20:2, 37:15).

Barsisoonni gara boodaati afurtama tokko hir’uu yookaan 39 akka ta’utuu murteessa (jechuun lakkoofsa wal gituu Jooseefes Antkin Josephus, Amtiq 4:8, 21, 23 ilaali). Reebichichi baay’inaan dugda irraa fi fuula duraan bitaa fi mirga gatittii irra akka ta’uu murteessaniiru (Maakos Maccoth 3:10).

**11:25 “Ulleedhaan rukkutamee”** kun seera adaba Roomaa argisiisa (jechuun, *verberatio*) tarii kan murtaa’uu waltajii irratti mana murtii magaalaati (Hoji erg. 16:22-40, 1 Qoro 4:21).

▣ **"Dhagadhaan rukkutamee"** Hojii erga. 14:19 mormitoonni kan turee fakkeessani turan, tarii balaa ta'uu danda'a.

▣ **"Dooniin koo al sadii caccabee"** kun kan argisiisuu seenaa Hojii ergamootaa ammam dhiphoo akka ta'e.dooniin Phaawulos caccabuun isaa Hoji ergamootaa keessatti kan inni galmaa'ee seenaan yeroo isaa yeroo ilaalamu kan wanta kanaa booda ture. Hojiin ergamootaa seenaa xumurame miti, garuu wangeelli Yerusaalem irraa gara Roomi Yihudoota irraa gara hormootaa akkamitiin akka deeme kan galmeessuu seena barumsa Waaqayyumaati.

**11:26**
**NASB** **"Itti fufeenyaan deemsa irran ture"**
**NKJV** **"Yeroo baay'ee deemsa irran ture"**
**NRSV** **"Deemsa irra deddeebi'aa"**
**TEV** **"Deemsa gargar in citne"**
**NJB** **"Deemsa gargar hin cinne"**

Kun kan biraa DATIDE PLURALS wantoota tarreffama isaa jalqaba yookaan sadeta CASE system akkuma A.T. Robbertson's LOCATIVE kan jedhuu qabata. Lakk. 26, 27, 28 keessatti gochamni kam iyyuu hin argamu. Kun Phaawlos waa'ee Kristoosiif tajaajila ini qabu argisiisa.

1. Sodaa galaanaatiin
2. Sodaa saamtootaatiin
3. Sodaa lamii isaatiin (Qorontosiin akka ture)
4. Sodaa uummataatiin
5. Sodaa magaalaatiin
6. Sodaa lafa gammoojiitiin
7. Sodaa galaanaatiin
8. Sodaa obboloota sobduutiin (Qorontosiin akka turee)

**11:27 "Akkasan ture"** Phaawulos DATIVE/LOCATEVE fayyadamuudhaan tarreefama biraa jalqaba

1. Dadhabbiif
2. Yaaliidhaan
3. Iriba dhabuudhaan
4. Beelaa fi
5. Dheephuudhaan
6. Yeroo baay'ee midhaanii fi bishaan dhiisuun (yeroo dheeraa midhan malee turun)
7. Qoraa fi
8. Qulaa ta'uudhaan (jecha jechaan bifa suuraatiin)

Hojjeetoota wangeelaatti jennee mataa keenya kan waamnu hundumtii keenya of gundubuun nurra hin jiru!

**11:28** Phaawulosiin guyya guyyaadhaan kan isa dhiphisuu guyya guyyaadhaani dhimmi kan biraan dhimma waldaa kiristaanaa kan hafuuraati fi dhimma fayyina sammuu ture, tarii dhimmi kun hunduma irraa isa cimaadhaa fi qorumsa rakkisaa ture.

▣ **"Kan dadhabuu eenyuu dhaa, anis hin dadhabnee hii?"** lakk. 29 wantoota nama hasoofsiisan gaaffii lama qabu. Amantootaa fi waldaan kiristaanaa yeroo midhaman Phaawulos yeroo ilaalu isa miidha, kan biraa xixiqqoonis akka gufataniif sababa warra irratti ta'an irratti akka dheekamu isa godheera (Maati 18).

**NASB** **"Yaada isa guddaa"**
**NKJV** **"Aridhaan gubachuu"**
**NRSV** **"Aarii"**
**TEV** **"Dhiphinaan kan guutee"**
**NJB** **"Dhiphinaan gubachuu"**

Phaawulos xalayaa isaa Qorontos keessatti gubachuu jecha jedhu kana karaa adda ta'een fayyadama. Karaa alta'aa yookaan badiisa kan nama irraan ga'uu utuu in ta'in (Efe 6:16) haa ta'uu malee fedhii o'aa kan argisiisuu dubbii haalaati (1 Qoro 7:9).

▣
**NASB, TEV** **"Gara cubbutti geggeessa"**
**NKJV,**
**NRSV** **"In gufachiisa"**
**NJB** **"In kufisa"**

Kun *skandalon* kan jedhuu jecha Girikiti jecha jechaan kiyyoodhaa fi qoraatti gufachiisuu bifa argisiisuun (Roomee 11:9). Safuu maleessa kufee bifa argisiisuun fayyadama irra ooleera (asitti fi [1] Qoro 8:13 irratti) yookaan tarii "ergamoota warra hundumaan olii" (1 Qoro 1:23) kan jedhaman dogogoraan barumsa Waaqqayyummaa gowwoomfamuu (Galaa 5:11).

## II Qorontos 11:30-33

**30Of jajuun yoo anaaf ta'e immoo wanta dadhabbii koo argisisuun of nan jaja*. 31Waaqayyoo fi abbaan gooftaa Yesus, galateeffamaan bara baraa, akkan soba hin dubbanne in beeka. 32Mandara Damaasqootti inni mooticha Areexaas jalatti bulchaa biyyaa ta'e, ana qabsiisuudhaaf karra mandarichaa eegsisaa ture. 33ani garuu guuboodhaan, karaa qaawwa masaraa mandarichaa gad buufameetan qabaa isaa jalaa ba'e*.**

**11:30 "Yoo ta'ee"** kunni FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENCE kan sadarkaa tokkooo hima haalaati.

▣ **"Dadhabbii koo irraa kan ta'uun ofiin jaja"** qoromsi Phaawulosii fi ceepha'amuun isaa cimina isaa Waaqayyoo irraa kan ta'ee fi dadhabii isaa immoo ulfinnii Waaqayyoo akka argamuu fi karaa gaarii akka ta'ee akka beekuu gargaareera (12:1-10).

**11:31 "Gooftaa keenya Yesus Kristoosi fi Waaqaa fi abbaa"** lakk.kun kaka dha. Phaawulos kan hasoofsiisuu dhugaan isaa ta'uu isaa mirkaneessuudhaaf yeroo baay'ee maqaa Waaqayyoo fayyadama (Roomee 1:9 II Qorontos1:18, 11:10, 11, Galaa 1:20, 1 Ximoo 2:7).

▣ **"Bara baraan"** kun jecha jechaan barootaaf jechuu (Roome 1:25, 9:5, 11:36, 19:27). Gaalee bifa tokko, garuu qeenxee kan ta'ee, Qoro 8:13 fi II Qorontos9:9 keessatti argama. 1 Qoro 1:20 irratti mata duree addaa jiru "baraa fi baroota dhufan" ilaali.

**11:32-33 "Damaasqootti Arisxoosohos mootiin jedhamuu uummata gadii kan ta'an kan bituu"** tokko tokkoo dubbii kana haariin isaa qabbanaa'uu argisiisa jedhu, garuu kun baay'ee yeroo sodaachisaa ture jechuun Phaawulosi fi jireenya isaatti yeroo itti baay'ee dadhabe ture. Barsisoonni sobduunis isa kan ittin komatan wanti biraan akka ta'ee argisiisuu danda'a. mootiin Arxosihos (*Harethath*) bittaa Naabatiyaa kan bulchu ture, waggaa 9 fi dhaloota Kristos dura hanga waggaa haraara 40 ti. Heroodisi fi Anxibaas abbaa budenaa isaa ture. Arxosihos jechi jedhuu Farihoon akka jechuuti. Aphtiiraa irratti kan mo'an moototii Naabatiyaa maqaa isaaniti, bulchaa uummataa kan jedhamuu tarii Arsixoosihos jala ta'ee bakka bu'aa magaalaa Damaasqoo ta'uu danda'a. Hoji.erga 9:23-25 irratti kan jiruu seenaa hanga tokkoo adda kan ta'ee dha, tarii barsisoonni sobduun haala Phaawulos fudhatanii isa komachuudhaaf ta'iinsa akka tasaa kana itti fayyadamanii ta'uu danda'a .

**Gaaffiillee maree**

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Phaawulos isaan barsiisoota sobduu kanaa wajjin waa'ee mataa isaa kan inni falmee bifa akkamitiin?
2. Lakk.3 ayyaana irraa kufuu argisiisaa yookiis taayitaa ergamaa irraa gowwomfamanii kufuu argisiisaa?
3. Phaawulos waldaa kiristaanaa Qoronxos irraa horii kan inni fudhanneef maaliif?
4. Isaan barsisoonnii sobduun kun eenyuun turani?
5. Barsiisa barumsa Waaqayyummaa barsisoota sobduu kana ibsi.
6. Kunni jireenya Phaawulosiif balaa ergamaa sirrii ta'uu isaatii fi akkamitti ragaa ta'uu danda'ee (1 Qoro 4:9-13, II Qorontos4:8-12, 6-14)

# II Qorontos 12

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Mullata | Mullata Jannata Waaqayyoo | Ofjajuu dabalataa: dadhabbiitti ofjajjuu | Mullata Phaawloos | Phawloos galata isaa dhageessisuu dirqama itti ta’e |
| 12:1-10 | 12:1-10 | 12:1-10 | 12:1-6 | (11:1-12:18) |
| | | 12:11-13 | 12:7-10 | 12:7-10 |
| Phawloos waa’ee waldaa Qorontos yaaduu | Mallattoo Ergamaa ta’uu<br>12:11-13 | Phawlos lamma Qoqrontoosiin do’achuu fi karoorfate<br>(12:14-13:10) | Phawlos waa’ee waldaa qorontoos yaaduu isaa | 12:7-10<br>12:11-13 |
| | Jaalala waa’ee waldaa kiristaanaa | 12:14-18 | 12:11-13 | |
| 12:11-18 | 12:14-21 | Waa’ee of qoruu fi sirreessuu waamicha taasifame<br>(12:19-13:10) | 12:14-15 | 12:14-15 |
| | | | 12:16-18 | 12:16-18<br>Yaaddoo Phaawloos fi sodaa<br>(12:19-13:10) |
| 12:19-21 | | 12:19-21 | 12:19-21 | 12:19-21 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

**ILAALCHA QABIYYEE BARREEFAMAA**

A. Kan Phaawulos mul’atii addaatii fi rakkinnii qaama isaa irra jiruu lamanuu qabiyyee tokkoo keessatti ilaalama, lamanuu kan hojatamee kan godhaman waggaa 14 dura Xarseesitti dha (42 yookaan 43 waggaa haraaraa). Kunni waggaa digdama dura kan godhamee mul’ata isaa ilaalachuu in danda’uu akkasumas kan isaa “waraansa” dhukkuubbiin ija isaa kunnis karaa Damasqoo irratti gooftaa Yesus yeroo itti mul’atee kan ta’ee akka ta’ee nan yaada (Hoji. Erga 9:22, 29)

B. Phaawulos dubbii ciigoo lakk. 11:4-5, 19-21 akka godhee hundumaa 11, 13 fi 15 keessatti itti fufa. Boqonnaa 10-13 kan jiran kan barreefaman barreefama Heelenahootaa seera isaani hordofee akka ta’ee nan amana. Kunnis kan qarooman Heelenahoota kan ta’an of jajoota barsiisoota sobduu Yihudoonni

seera barreefamaa fayyadaman innii mataan isaa kan beekuu fi fayyadamuu kan danda'uu ta'uu isaa argisiisuuf ta'ii jedhee kaayyoodhaan kan godhamee dha.

## QAYYABBANNAA JECHAA FI GAALEE

**II Qorontos 12:1-10**
**[1]Utuma dhimma anaaf kutuu dhaabaatee illee of jajjuun anaaf in ta'a; amma immoo waa'ee isa gooftaan yeroo adda addaatti anatti argisiisee, waa'ee isa inni anatti mul'isees nan dubbadha*. [2]Namni kristiyaani tokko waggaa kudha afur dura bantii waaqa keessaa gara tarree isa sadatti akka ol butame nan beeka; namummaa isa fooniitiin ol butame, yookiis namummaa isa hafuuraatiin ol butamee isaa Waaqayyotu beeka malee, ani hin beeku*. [3]Namni kun gara jannata waaqa irratti butamuu isaa ani beeka; namummaa isa fooniitiin ol butame, yookiis namummaa foonii malee ol butamee isaa Waaqayyotu beeka malee, ani hin beeku. [4]Inni dubbii dubbatamuu hin dandeenye, dubbii namatti himuunis hin taane dhaga'e*. [5]Egaa ani waa'ee isaatiif of nan jaja; ofii kootii garuu dadhabaa ta'uu kootiin malee waanan ittiin of jajuu hin qabu*. [6]Dubbii dhugaa waanan dubbadhuuf, of jajuu utuun barbaadee iyyuu gowwaa hin ta'un ture; ani garuu namni tokko illee waan ana irratti argeef waan ana irraa dhaga'e caalaatti akka ana hin ilaalleef, of jajuu nan dhiisa*. [7]Mul'ata hammas hin jedhamne sanaaf akkan ol of hin qabnetti, wanti dhagna koo keessa taa'ee na waraanu ergaan seexanaa anaaf kennamee, na rukuta, na rukutuu isaatiiniis ol of qabuu irraa na dhowwa. [8]Kanas akka ana irraa fuudhuuf si'a sadii gooftaa kadhadheera*. [9]Inni garuu, "ayyaanni koo si ga'a, humni koo dhabaa keessaan akeeka isaa in raawwata" naan jedhe. Humni Kristos ana bira akka buufatuuf, dadhabaa ta'uu kootiin hundumaa irra caalchisee gammachuudhaan f nan jaja*. [10]Egaa Kristosiif jedhee dadhabbitti, salphinatti, rakkinatti, ari'atamuutti, gidiraattis anatti in tola; yeroon dadhabuuti nan jabaadha*.**

**12:1 "Of jajuun kan barbaachiisuudha"** Girikidhaan *dei* jechii jedhu "barbaachisummaa isaa" jechuu dha. Barsisoonni sobduun Phaawulosiin mormaa jiru. Ergaa isaa eegachuuf mataa isaa eegata. "Of jajuu" jechi jedhuu boqonnaa 10-13 irra deddeebi'ee fayyadama irra ooleera (10:8, 13, 15, 16, 17, 11:12, 16, 18, 30, 12:1, 5, 6, 9). Of jajuu jechi jedhuu 1:12 irratti kan argamuu yaadannoodhaa fi kan jaarraa tokkoo kan ture amala dubbii haalaa qabatee kan jiru 1 Qoro 5:6 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali. Phaawulos tapha isaani akka taphatan kan fedhan of jajootaa kan ta'an kan barsisoota sobduu argisiisa.

Dhimmi kun karaa adda addaatiin sirreefamaa utuu godhamuu kan turan barreesitoota durii bitaacha kan itti galchaa turee dha.

1. Kan biraa "Yoo ta'ee" kan jedhuu in dabalata (MSS a2, H)
2. Kan biroo dei (drqamatti kan jedhuu) de (garuu) gara jedhutti jijjiireera (MSS a fi D)
3. UBS$^4$ irratti jechi jiruu MSS $p^{46}$, B, D2, F, G, deeggarameera.

Lakk. 2 fi 3 hooktoota durii birratti inni sirriin isaa jalqaba jecha Girikii ta'ii jedhee sirreefamni akka irratti godhamee argisiisu.

▣
**NASB** **"Ta'us bu'aa in qabuu"**
**NKJV** **"Bu'aa tokkoo illee akka in qabne in shakkisiisu"**
**NRSV** **"Wanti tokkko illee irraa in argamu"**
**TEV** **"Ta'us waan gaarii tokko iyyuu in godhu"**
**NJB** **"Waan gaarii tokko iyyuu hin godhu"**

Of jajuu kan hin barbaachiifnee yoo ta'ee Phaawulos maalif of jajaa? Kana kan godhee isaan barsisota sobduu kana jecha isaan fayyadaman fayyadamee bukkee qabadhaan dubbachuuf jedheeti (jechuunis dubbii haalaatiin kan ijaaraman Palaastaa'eni ala kan jiraatan diyaasfooraa kan ta'an amantoota Yihudootaa, amantii Yihudootaa kan hordofan namoota Galaatiyaa turanii fi walga'ii Yerusaalem irratti (Hojii ergamootaa 3:15) qabiyyee Faarisootaa kan qabuu dubbii callaqisiisaa kan turan jechuu dha).

▣ **"Mul'ataa fi ibsa"** tarii jecha laman kana gidduutti gara garummaan jiraachuu dhiisuu danda'a lamanuu kan argisiisan kallaattin kan ta'ee mul'ata argisiisa (1 Qoro 2:10, 11:23, Galaa 1:12, 2:2, Efe 3:3). Tarii isaan barsisoonni sobduun kun kallatiidhaan mul'ata akka qaban godhanii in dubbatu ta'a. "Ibsa" jechii jedhuu Pocalypse dha jechuun "ifa baasuu" jechuu dha.

Yeroo sanattis ta'e hara barsisoonni sobduun kan ittiin beekaman

1. Rakkina saala ka'umsa ka'umsa godhate
2. Saamicha horii
3. Adda adda kan ta'aanii fi ibsa addaa akka qaban dubbachuu

▣ **"Gooftaa irraa"** tarii JABJECTIVE GENITIVE dha gooftaa irraa kan ta'ee "mul'ataa fi ibsa" yookaan OBJECTIVE GENETIVE "Waa'ee gooftaaf". Qabiyyeen itti fufee jiruu gooftaa irraa kan jedhuu argisiisa (PASSIVE VOICES) lakk. 2, 4, 7.

**12:2 "Nama nan beeka"** kunnis kan barsisootaa waa'ee nama biraa karaa ittin dubbatanii dha. Phaawulos haala kana dubbachuudhaaf fedha kan hin qabaannee fakkaata. Haa ta'uu malee sababi inni kana godhuu fi waldatti kiristaanaatii fi jaalala qabuu fi barsisootni sobduun mul'ata akka qaban waan dubbataniif.

▣ **"Kristoosiin"** kun Phaawulosii fi dhimma kiristaanaa ta'uu kan argisiisuu jecha jaallatamaa ta'ee dha. Amantootni isaa wajjin kan wali galan jireenya isaatiin/du'a isaatiin/ fi du'aa ka'uu isaa dha (Roome 6). Galmi amantootaa isa fakkaachuu dha (Roome 8:29, 1 Qoro 3:18, Galaa 4:19, Efee 1:4). 1 Tese 3:13, 1 Pheexi 1:15).

> Georgi Ladd, A Theology of the New Testament ibsa namatti tolu qaba "Namni Kristosiin ta'ee akkasuma hafuuraan. Kristoosiin ta'uu faallaan isaa Addaamiin ta'uu yoo ta'ee, hafuuran ta'uu yoo ta'ee immoo faallaam isaa Fooniin ta'uu dha.
>
> Hafuuraan ta'uu jechuun bara dhummaatti jiraachuu argisiisa… bara haaraa keessatti kan jiraatu jireenya.

▣ **"Wagga kudha afur fuula dura"** kun tarii kan hin galma'aahiin tajaajila Phaawulos jalqabaa barri isaa utuu inni Tarsisiin jiruu jechuun Baranabaas dhufee barbaadee gara Anstookiyaatti utuu hin fidin dura gocha hojjetamee ta'uu danda'a (Hoji ergamootaa 11:25-26). Adda kan ta'an mul'ata akkanaa Phaawulosii fi guyya guyyaadhaan kan raawwataman gocha akka hin taane hubadhuu haa ta'uu malee yeroo baay'ee mudateera (Hoji. Erga 9:4, 18:9, 23:11, 27:23).

▣ **"Fooniin ta'uu akka ta'ee yookaan foon malee akka ta'ee in beeku"** Phaawulos mataan isaa wantoota hojii irra oole ifatti hin beeku (gaalichi lakk.2 fi 3 irratti irra deddeebi'eera). (Hisqeeli irraa Hisqeel 8) shaakala wajjin yookaan kan Yohannis shaakala (Mul'ata 1:10, 4:2, 17:3, 21:10) wajjin wal fakkaata dha. Faalaasama Girikii akka dubbatuu utuu in taanee barumsa kiristaanumaatiin fooni waaqa irrattis akka jiraatu hubadhu.

▣ **"In butamee"** wal fakkaataa kan ta'ee jechi fayyadama irra oolee (1)Philiphoos Hojii ergamootaa 8:20 (2)"Butamuu" 1 Tesoo 4:17 (3)Mucaa dhiiraa Mula'ata 11:5. Hundeen hiika jechichaa bineensa tokko kan jedhamee qabuudhaaf gocha godhamee bifa argisiisuudhaan. Phaawulos haala hin eegamneen hatatamaan gara iddoo Waaqayyoo argamuuti qaamaan yookaan sammuudhaan butamee (lakk.4).

▣ **"Samii sada"** itti fufee kan jiruu mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa:-Samii

Kakuu Moofaa keessatti jechi "Waaqa" jedhu yeruma hundaa danooma (jechuunis *shamayim*, BDB 1029). Jechichi ibrootaa "ol ka'uumsa" jechuudha. Waaqayyo iddoo ol ka'aarra jiraata. Yaadichi qulqullummaa fi hunda caalummaa Waaqayyoot calaqqisiisa.

Uma. 11 keessatti DANOOMNI bantiiwwan "Waaqaa fi lafaa" akka uumama Waaqayyoo (1) akka qilleensa banamaa pilaanetii lafaatii olii ykn (2) akka karaa dhugaa hundaa erutti (i.e, an hafuuraa fi kan foonii) ilaallamanii turaniiru. Hubannaa bu'uraatirraa kitaabileen kan biroo akka sadarkaalee Waaqaatti ragaadhaan ni eeru. "Waaq Waaqotaa" (cf. Far. 68:33) ykn "Waaqaa fi Waaqa Waaqotaa" (cf. Kes. 10:14; 1Mot. 8:27; Nah. 9:6; Far. 148:4). Barsiisonni tarii tilmaama kanneen armaan gadii ta'uu ni danda'a.

1. Waaqota lama (i.e. R.Yihudaa, Hagigah 126)
2. Waaqota sadii (Test. Levi 2-3; Ascen Isa. 6-7, Midrash Tehillim Far. 114:1 irratti

3. Waaqota shan (III Barunch)
4. Waaqota torba (R.Simonb. Lakish; 2Enoch 8; Ascen Isa 9:7)
5. Waaqota kudhan (2Enoch 20:3b; 22:1)

Kunniin hundinuu addaan ba'uu uumama ijaan arginu fi hundaa ol ta'uu Isaa Waaqayyoo argisiisuuf jechuufi ture. Barsiisummaa Yihudummaa keessatti lakkoofsi Waaqotaa beekamoon baay'ee kan baratame torba ture. A. Cohen, *Everyman's Talmud* (fula. 30) geengoowwan astiroonomii wajjin walk an qabate ture jedha, garuu inni lakkoofsa torba jiraataa guutummaan guutuutti sirrii kan eeru natty ni fakkaata (ie., guyyootii uumamaa boqonnaa Waaqayyoo Uma. 1 keessatti bakka bu'an torbaan).

Phaawuloos, 2Qor. 12:22 keessatti Waaqa "sada" (Giriikii *ouranos*) karaa akka eenyummaa jiraachuu hund caalummaa Waaqayyo ibsaa jirutti ni eera. Phaawuloos Waaqayyo wajjin otuu hin yaadamin itti ba'ee ture!

**12:3-4** lakkoofsooti kun dabalataan kan argisiisaan lakk.2 keessatti ta'ii jiruu dha.

**12:4 "Ganata"** kun Farisoota irraa Persian jecha fudhatamee yeroo ta'uu "dhagaan kan marfamee kan namoota amala qabeessoota iddoo kuduraa) kan argisiisuu dha. Jechi Girikii hiika namoota torbaatamaatiin (Septuagent) eden Ganatiif fayyadama irra kan ooleedha (Uumama 2:8, 31, Hisqe 28:13, 31:18). Jechichi Luqaas 23:43 irratti kutaa gaarii si'ool argisisuudhaaf fayyadama irra ooleera. Macaafa qulqulluu keessatti kan hin hamatamne macaafa keessatti fakkeenyaaf dhoksaa Heenook yookaan Heenook boqonnaa 8 keessatti samii sadadhaaf yookaan iddoo argama Waaqayyoo argisiisuudhaaf tajaajileera. Samii sadadhaa fi Ganatti lamanuu iddoo argama Waaqayyoo argisiisu.

▣ **"Namni dubbachuu kan hin dandeenye haasaa hin dubbatamne dhaga'ee"** kan namootaa waan hundumaa beekuuf fedha iddoo kamitti iyyuu dhaabbachuu in qabu. "Kan hin dubbatamne" *arrētos* fi "Dubbachuu" *hrētos* kan jedhu irratti ifa kan ta'ee tapha jechaa qaba. Alaa'azaar kan isa mudatee boola keessa ta'ee ibsuudhaaf akka hin dandeenye hundumaa Phaawulosis dubbachuu hin dandeenye (jechuun, baay'ee qulqulluu ta'uu isaa) hin dandeenye (jechuun, galmee jechootaa namaati ala ba'uu isaati) isa kana qoodu in dandeenye. Salphaati kana wanta arge ibsuudhaaf jechi namaa hin maadalu (1 Qoro 2:9).

**12:5** Phaawulos dhuunfaa isaatti wantootooni inni raawwate miti kan ittiin of jajuu (1:12 irratti yaadannoo jiru ilaali) garuu Waaqayyoo dhuunfaatti mataa isaa shaakala dhuunfaa isaati fi karaa dhugaa wangeelaatiin isaaf mul'isuu isaati. Waaqayyoo isaan ulfina akka argatuuf sababa kan ta'ee kan Phaawulos mataa isaatiin gahaa ta'uu dhiisuu isaa ture (Yoha 15:5, Filliphus 4:13 wajjin wal bira qabi).

▣ **"Dadhabbi"** II Qorontos12:9 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali.

**12:6 "Yoo ta'e"** kun gochaa gara fula daraattii ta'uu danda'u kan agarsiisu THIRD CLASS CODITIONAL SENTENCE kan sadarkaa sada himaa haalaati.

▣ **"Gohumaa"** 1 Qor 15:36 irra kan jiru mata duree addaa ilaali.

▣ **"Haa ta'u malee eenyu iyyuu kan argu irraa narraasi kan dhaga'uun waan guddaa godhee akka na lakkofnee dhiseera"** kun jechaa ciigoon kan guteedha. Isaan barsiisoonni soobduun kun kan namoota Qorontoos qofa kan dhaga'an shaakala isaani duraa fi bekamtii isaan afarsu. Phawulos "enyuyuu kan argu irraa narraasi kan dhaga'uun waan guddaa godhee akka nalakkofnee garuu isiin gidduu osoon jiruu kanan godhe malee. isin biratti galmeefamee kan jiru ilaalaa" jedha.

**12:7 "Kanaafis guddina mu'ataatiin akkan of hinjajne"** gaaleen kunii karaa seerlugaa Lak 6 "kan caalu godhee akka nalakkofnee" ykn Lk 7 irratti "guddina mul'ataatin akkan of hinjajine kan jedhu wajjin walqabata qaba. *Dio* kan jedhuu galagacha jalqabaa kessaa (MSS a B, F, G) yoo jiratee kalattidhaan Lakk 6 wajjin adema garuu dio barreefama Girikii baayyee kessaa (MSS p46 fi D , Volgeti irraa Armeeniyaa irraa fi Pheshitaa irraa hikii hafeera). UBS4 kan isaa dabalee kenna "C" gatii innii kennuuf (marteessuun hin ulfaata).

"Guddumaa ol jedhe" (*huperbolē*) dabalataan Phaawulos kan *Huper* walmakaa kan ta'e akkamitti akka fayadamu 1Qor 2:1 irratti ilaali.

▣ **"Kunis akkan of hinjajinef"** jecha kanaa wajjin tokko kan ta'e 2Tos 2:4 "nama jal'inaa" ykn kiristos sobaa oftulummaan dhaadachuu isaa argisisuuf fayadama irra oleera. Sofistooti dandeettii haasaa akka qaban gura afarsuun mataa isaani ol ol qabu turan (Phaawulos boqonna 10-13 irratti caaleera).

Phaawulos Waaqayyo (jechunis kan kenname PASSIVE VOICE) waransa kan akka kennef amana. Kun tarikan Rom 8:29 yadasa ta'a (bareffami Giriki tokko tokko "Waaqayyo ka'umsa waan hundumaa" ta'uu isaa agarsisa. Garuu inni gaariin Room 8:29 irratti kan ibsame waa'ee Kiristosin fakkachuuti (jechuun gara bifa Ilmasaa fakkaachuuti jijjiramuu) sexanni tajaajilaadha.

▣ **"Waransa foon kooti"** jecha waransa jedhuu kasima jechuun in danda'ama (jecha jechaan mallattoo itti gochuu). Girikii durii qara kan ta'e kasima argisiisuudhaaf fayyadama irra in oola ture. Hiktoota beektoota torbaatamaniin garuu muka qoraatti karaa argisiisuun fayyadama irra ooleera (seera lakk. 33:55, Hisqe 28:24, Hosee 2:6). Waransaa foonii Phaawulos ilaalachiise ilaalchi tokko tokko akka itti fufe jiruutti

1. Abbootti waldaa kiristaanaa durii Luuterii fi Kaalviin rakkina hafuuraa qaba jedhu jechuun qaama uumamaa cubbuun kufee (jechuun, foon keessa)
2. Kirisositon chrysoston rakkina namootaa wajjin qabuu dha jedhu (Keessa deebii 33:55, Abbota firdii 2:3)
3. Kan biraan immoo dhukkuba nama kufisuu dha jedhu
4. Kabajamoon Willi'am Raamsee dhukkuba busaati jedhuu
5. Ani immoo dhukkuba ijaa akka ta'een yaada (Galaa 4:13-15 fi 6:11 wal bira qabi) dhukkubni kun karaa Damaasqoo irratti ifa irratti ifee irraa kan ka'ee itti caalee yookaan ka'umsa ta'e (Hoji.erg. 9 kun tarii karaa biraatiin kan kakuu moofaa Iyyaassuu 23:13).

▣ **"Foon"** kan jedhuu mata duree addaa 1 Qoro 1:26 irratti ilaali..

▣ **"Ergamaa seexanaa"** Waaqayyoo hamaadhaaf in hiyama itti fayyadamas (Iyoob 2:6, 1 Qoro 5:5, 1Xiimooo1:20)."Ergamaa" jechi jedhuu ergamaa seexaanaa kan ilaalatuu fakkaata. "Ergamaa"jechi jedhuu Girikidhaa fi Hibirootaan "maleekaa" jedhamee hiikamuu danada'a. akkas yoo ta'ee amantootni seexanaan waranamuu danda'uu garuu kaayyoo Waaqayyootiif akka ta'ee hubadhu. Waaqayyo tola kaayyoo mataa isaaf hamaa gargaaramuu danda'a.

## Mata duree addaa: Seexana

Sababa hedduu kaasuuf kun dhimma baay'ee ulfaataadha.

1. Kakuu Moofaan waaqimboo dina namaa (archenemy) haala gaariin hin bisu. Garuu tajaajilaa/hojjetaa YHWH kan filannoo dhala namaaf kennuu fi gocha sirrii hin taaneef kan himatudha.
2. Yaadni dhunfaa Waaqayyoottii diina guddaa ta'uu kan babal'ate gidduu galinsa hogbarruu Macaafa Qulqulluu (haala madaalli hin kaafneen (non canonical) dhibbaa amantii pershiyaatiiniii (*zoroostrianism*)dha. Kunis, buubatti deebi'ee, duree amantii biyohoo kan judizimii (Rabbinical judicism) jeeqeera.
3. Kakuu haaraan, ergaa guddaa Kakuu haaraa haala dinqisiifannaa ifa ta'een: garuu keessaa rammaddiiwwan isaa filatee

Yoo namni tokko qo'annoo jinnii/waan garaa/ (evil) ogummaa (perspective) barnoota Macaafa Quqlulluu (biblical theoloty) irrattii garga baasuuttii dhiyaatee (tokkoon tokkoon macaafootaa ykn barreessaa ykn haalli barreeffama hogbarruu isaa ni qoratee gargara baasee ni murteessaa kana booda ilaalchiwwan jinnii baay'een ni ibsamu.

Yoomillee yoo namni tokko qo'annoo jinnii obsa miti Macaafa Quqlulluu (non babilical) ykn Macaafa Qulqulluun ala kan ta'an amantiin Addunyaa ykn amantii gara bahaatti dhiyaate; guddinni kakuu haaraa hedduun amantii peershiyaa 'dualism' jedhuu fi 'Greco Roman Spritism' jedhuun haguugameera.

Yoo namni tokko dhugaadhumaan fudhatee, Aangoo humna Waaqayyoo of Macaafa Quqlulluu barreessuuf waadaa gale, kana booda guddinni Kakuu Haaraa akka Mul'ata babal'achaa deemuutti ilaalamuu qaba. Kiristaanonni yaada wangeelaa hiikuuf aadaa Yihudootaa (Jewish folklore) ykn ogbarruu warraa dihaa kana (kana jechuun, Dante, Milton) fudhachuu dhiisuu irraa of dhorkuu/eeguu qabu.

Naannoo Mul'ata kanaa kan jiru, kan hiikni isaa shakkisiisaa ta'ee fi kan waan maddi isaa hin beektamne (mystery)dha. Kan Waaqayyo filates amaltoota jinnii (Afuura haamaa) (evil) madda isaa fi kaayyoo isaa ibsuu osoo hin taane, kufaatii isaa beeksisuudha. Kakuu Moofaa keessatti jechi seena ykn himataa jechu garee adda

addaa sadii wajjiin wal qabatu fakkaata.

1. Himataa, Namaa (humna accuser) (Isam 29:4; 2Sam. 19:22; 1Mot 11:14, 23, 25, Far. 109:6)

2. Himataa Ergamaa (Angelic accuser) (Lakk. 22:22-23; Zak 3:1
3. Himataa Afuura hamaa/jinni (demonic accuser (1Sen 21:1; Mot. 22:21; Zat 13:2)

Bara giddugalaa ragaa (intertestament) booda bofti Uma 3 irra seexana wajjiin adda ba’ee ibsama (cf. “Book of Wisdom” 2:23-24; 2Henok 31:1, malee hanga ammaatti illee kan fialnnoo barsiisaa seera ta’e miti. (cf. Sot 96 fi Sanh 29a). “Ilmaan Waaqayyoo” kan Um 6 jedhu, 1Enoch 54:6 irratti ergamoota ta’aniiru, sirrummaa isaa gama barnoota amantiin (theologically) ibsuu koo miti, garuu guddina isaa agarsiisuudhaafanii Kakuu Haaraa keessatti gochaawwan Kakuu Moofaa kunneen 2Qor 11:3; Mul 12:9 irrattii namummaa hamaa (i.e. Seexanaaf) gumaachaniiru/ibsuuf tajaajilaniiru.

Kakuu Moofaa irraa madde seexanaa murteessuun ilaalcha irratti hundaa’ee ulfaataa ykn kan hin danda’amnedha. Kanaafis sababa kan ta’u Waaqa Israa’el isa jabaa tokkichaa (Israal’s strong monotheism)dha. (cf. 1Mot 22:20-22, Lall 7:14; Isa 45:7; Amos 3:6). Sababoonni dhiyaatan hundinuu (all causality): Addummaa fi olaantummaa YHWH mirkaneessuu keessatti gumaacha godhaaniiru. (cf. Isa 43:11; 44:6,8,24; 45:5-6, 14,15,21,22)

Maddoonni ragaa ta’uu danda’an kan isaan xiyyeeffatan (1) Iyo 1-2, bakka sexanni “Ilmaan Waaqayyoo” keessaa tokko taatee ergamoota jechuudhaan dhiyaate. Ykn (2) Isa 14; His 7:28, bakka oftuultoonni mootummoolee gara bahaa 9baabiloonii fi xiiroos), olaantummaa/oftulummaa seexanaa argisiisuuf itti dhimma bahan. (cf. 1Xim. 3:6). Anis miira (emotion) waa’ee ilaalcha kanaa walmaksiiseera. Hisqeel akka seexanaatii His 28:12-16). Dhaaba Waaqayyoo Eden mootummaa Xiiroos qofa bakka buuse osoo hin taane mootummaa Gibxiifillee akka muka beekumsa gaariif yaraa (qoode evil) bakka buusee. (His 31). Kana ta’uyyuu, Isa 14, addummaan immoo Lakk 12:14 oftuulummaan ergamootaatiin akka mormu waan ibsu fakkaataa. Otoo Waaqayyoo adda baasee maddaa fi uumamaa seexanaa, nuuf ibsuu barbaadeera ta’ee kun daandii qaxaamuraa fi bakka ittii hojjetaan ta’ayyu nutis dirqama, toftaa kallattii waliigalaan waan xiqqoo barnoota amantii, qaama ulfaataa ragaa gara garaa (ambiguous testaments), barreesstootaa, kitaabolee, fi odeeffannoo mormuu irraa of eegannee akka hiphoo Waaqayyootti (divine puzzle) walsimsiisuu qabna. “Alfred Edersheim” *(The life and Times of Jesus the Massial* Vol 2 appendices XIII (pp. 748-763)) jedhuuti, dureen “dualism” jedhamuu fi tumaama/yaada jennii 9demonic speculation) baay’ee jeeqamee ture. Bakka kanatti barsiisonni (Rabbis) dhugaatiif madda sirrii miti. Iyyaasuusis battalumatti barsiisa manneen sagadaa warra hurrii ba’an (synagogue) irraa adda ba’e. Akka yaadutti; yaadni barsiisa ergamaan gidduu galuu fi seera tulluu siinaarratti Museetti kennameen mormuu ergama YHWHtti akkasumas dhala namaatti diina guddaa (archenemy) ta’uuf balbala baneera.
Waaqoolii gurguddoo lamaan Iraan (Zoroastrian)

‘Alkimai fi Ormaza’, gaarii fi garaa yaada barsiisaa kanaa amantii Yidhudootaa kan lamummaa 9dulaism of YHWH & Satan) daangeessu guddiseera. Akka guddina jinni (waan yaraatti (evil)
Kakuu Haaraa keessatti dhugaadhumaan mul’ata wlairraa hin icnneetu jira, garuu akka labsii barsiisotaatti kan of eeggannoon ibsame miti. Garaagarummaa kanaaf fakkeenya gaarii kan ta’u “lola samii keessaa” (War in heaven” kan jedhuudha. Kufaatiin seexanaa adeemsa barbaachisudha. Garuu murteewwan isaa hin kennamne. Wanti kennamellee hogbarruu balaa guddaa ibsan (2po. Calyptic gence) haguugameera) dhokateera. (cf. Mul 12:4,7,14-13). Ta’uuyyuu sexanni mo’amee gara lafaattis darbatameera, hanga ammaattis akka hojjete YHWHtti tajaajilaa jira. (cf. Mat 4:7; Luq 22:31-32; 1Qor 5:5; 1Xim 1:20)
Nutis dirqama dharraa waa hubachuu keenyaa bakka kana keessatti to’achuu qabna. Humni nama qoruu tokkoo fi hamaa (evil) ta’e ni jira. Garuu hanga ammaatti Waaqa tokkichaa fi dhala namaa qofatu filannoo isaatiif deebii ta’a. Lollii afuuraas fayyina duraa fi booda ni jira, mo’ichi kan argamuu fi kan nama harka turu, Gargaarsa Waaqayyootiin qofadha. Jinnii/hafuurri hamaa mo’atamee jira, ni ba’a/ni gadhiisa.

▣ **“Kan na abootuu”** kun PRESENT ACTIVE SUBJUNCTIBES dha. Jechi kun kallattiidhaan abooteen rukkutuu jechuu dha rakkinnichi dhiphisaadhaa fi irra deddeebi’ee kan raawatamuu dha.

▣ **“Kunnis akkan of in jajneef”** isaan barsiisonni sobduun kun haasaan isaanii mataa isaani ol ol qabuu irratti akka isaan xiyyaafatan godha. Phaawulos garuu gadi gadi of qaba.

**12:8 “Gooftaan kadhadhe”** Akka qabiyyee isaatti kun argisiisuu kan danda’uu (1)Yaahiwwee yookaan (2)Yesusiin (14:13-14). Phaawulos kan kadhatuu gara abbaatti. Kiristaanonnii hundumtuu Waaqa sadan tokkoo keessaa gara isa tokkootti kadhachuu in danda’uu ta’us kan kadhanu gara abbaatti maqaa Yesusiin karaa hafuura qulqulluuti.

▣ **“Kun”** kun argisiisuu kan danda’uu (1)haalii kun (2)Qoromsii kun (3)ergamaan seexanaa kun yookaan (4)dhukkuba fooni ta’uu danda’a.

▣ **“Yeroo sadii”** kadhata Yesus Geetasamaanii yeroo sadii irra deddeebi’eera (Maatii 26:42, Maari 14:39, 41). Yeroo sadii irra deddeebi’uu isaa xiyyafannoon kan itti kennamu ta’uu isaa argisiisa. Kun kan argisiisuu waa’ee amantii dhabuu utuu in ta’in kan nu barbaachiisu yeroo kamitti dhimma nu ilaalatuu ilaalachiisee akka nuti dhaga’aamutti kan kadhannuu ta’u keenya irratti. Irra deddeebi’aa kan ta’ee rakkoo nama qoruu Phaawulosiin waan baay’ee barsiseera (lakk. 9). As irratti xiyyaafannoo itti kennuu kanaan barbaaduu bara kanatti kan jiru dhukubsataan kam iyyuu dhukkuba isaa irraa fayyuudhaaf hangii amantii isaa murteessa dha. Amantii dhabuun irra hin jiraatuu yaada jedhu irratti. Ifatti Phaawulos gahaa kan ta’ee amantii qaba ture. Dabalataanis namani kam iyyuu dhukkuba kami irrayyuu bilisa ba’uutu irra jiraata kan jedhu barumsi iddoo kanatti ilaalamuu qaba. Phaawulosi fi gaaffiin Kiristoos lamanuu deebii hin argane. Waaqayyoo kaayyoo mataa isaatif jedhee dhukkubas ta’ee rakkina itti fayyadamu danda’a (Room 8:17, II Qorontos1:5, 7, Fillii 3:10, 1 Pheexi 4:12-17). Fedhi keenya Waaqayyoo kaayyoo isaatif mataa isaa nuuf ibsuu isaati ta’u kan qabu.

**12:9 “Qaba”** dubbii haalaatiin kan yeroo darbee kan argisiisuu dha “kan yeroo dhumaa kan qabu) dha.

▣ **“Ayyanni koo si ga’a”** argamuun Waaqayyootii fi amalli fedha Phaawulositi, tarii Phaawulosi 2 Mootota 8:27 utuu yaaduu ta’uu danda’a. kun kan nkakuu moofaa keessaa waaqa irraa fi kan waaqa waaqa irraa iddoo heere gidduu dha tokko dha tarii lakk. 2 irratti Phaawulosiif samii sadan mada kan ta’ee kana. Kadhati Solomoon waa’ee baay’ee guddummaa Waaqayyoo transcendence waaqa waaqa irra kan jiraatuu fi dhi’eenya immanence mana qulqulluummaa keessatti argamuu isaa dubbata. Fedhi Phaawulosis samii sada ulfinni Waaqayyoo jiraachuu isaa osoo hin taanee guyya guyyaadhaan amala gara laafummaa Waaqayyo fi argamuu dhuunfaa isaa keessatti isa wajjin jiraachuu ture.

▣ **“Humni koo dadhabiidhaan in mul’ata”** kun PRESENT PASSIVE dha. Humni Waaqayyoo humna namaa madaaluu kara adda ta’een hojjeta. Namni dadhabaa yeroo ta’uu fi fedha isaa galmaan ga’uu yeroo dadhabuu Waaqqyyoo ulfina argata. Humni Waaqayyoo kan hin jijjiramne amala isaati. Gaaleen kun tarii Phaawulosiin waa’ee 1 Qoro 2:5 yookaan II Qorontos4:7 yaadachiisee ta’a akkasumas barsisoonni sobduun dandeeti addaa fi kennaa addaa irratti xiyyaafannoo addaa kennuudhan waan wal qabsiisani wajjin waan tokkoon illee wanta wal qabatu miti.

▣ **“Dadhabbii kootiin of jajuun jaalladha”** kanaa gadii kan jiru mata duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa : Dadhabbii

Asitti wal bira qabuu dha. Barsisoonni sobduun beekamtii isaanitii fi dandeetti haasaa midheefachuutiin of jaju. Phaawulos garuu “dadhabaa” (*astheneō*) bu’aa ta’uu beeka. 1 Qoro fi II Qorontoskeessatti jechooti kun (yookaan isaan bifa adda addaatiin ta’uu) rra deddeebi’ee fayyadama irra akka oolan hubadhu.

| **Of jajuu** | **Dadhabii** |
|---|---|
| 1 Qoro 1:29, 31 | 1 Qoro 1:25, 27 |
| 3:21 | 2:3 |
| 4:7 | 4:10 |
| 5:6 | 8:7, 9, 10, 11, 12 |
| 9:15, 16 | 9:22 |
| II Qorontos1:12, 14 | 11:30 |
| 5:12 (al lama) | 12:22 |
| 7:4, 14 (al lama) | 15:43 |
| 8:24 | II Qorontos10:10 |
| 9:2, 3 | 11:21, 29, 30 |
| 10:8, 13, 15, 16, 17 | 12:5, 9, 10 (al lama) |
| 11:12, 16, 17, 18, 30 | 13:3, 4, (al lama), 9 |
| 12:1, 5, 6, 9, | |

Phaawulos qabiyyee dadhabii karaa adda addaatiin fayyadama

1. Dadhabiin Waaqayyoo 1 Qoro 1:25

2. Dadhabbi biyya lafaa keessaa 1 1:27
3. Dadhabbii Phaawulosiif soda 1 Qoro 2:3, 9:22, II Qorontos11:29, 30, 12:5
4. Phaawulosif garee ergamaa Phaawulos 1 Qoro 4:10, II Qorontos11:21

5. Amantoota dadhaboo (Roome 14:1-15:13), 1 Qoro 8:7, 9, 10, 11, 12, 9:22
6. Dhukkuba foonii 1 Qoro 11:30
7. Qaama namaa tokko tokkoo 1 Qoro 11:22
8. Kan argamuu namummaa yookaan qaama 1 Qoro 15:43
9. Kan Phaawulos qaama alaa yookaan dandeetti shaakala haasaa II Qorontos10:10
10. Dadhabbii Phaawulosii fi jabina Waaqayyoo mul'atee II Qorontos12:9, 10, 13:4, 9
11. Ergaa Kristoos karaa Phaawulos II Qorontos13:9
12. Kan Kristoos qaama mul'atuu II Qorontos13:4

▣ **"Humna Kristoos"** kun humni Waaqayyoo akka ta'ee yaadadhuu! Inni humna Kristoositi! Kiristoos Waaqayyoo dha!

**NASB, NRSV "Akka na keessa buluuf"**
**NKJV, NJB "Akka na keessatti boqotuuf"**
**TEV "Ana irratti eegumsa akka godhuu"**

Kun epi fi *skēnoō* (godoo 5:1) kan ta'ee jechuun *episcēnoō* jecha Girikiti, kanaaf ol jiraachuu yookaan gadiisa ta'u (golguu) kan jedhuu dubbii haalaati. Jechi kun kakuu haaraa irratti bakka kana irratti qofaa dha kan heerame. Kan jecha kanaa hundeen jecha wal fakkaataa Luqaas 1:35 irratti waa'ee Yesus durba irraa dhalachuu bakki inni dubbatuu fayyadama irra ooleera. Akkasumas Yesus gaara irratti ulfina isaa yeroo mul'isee (Maati 17:5) gadiduu ergamootaa warra dhukkubanitti bu'ee waa'ee fayyuu isaanii bakki inni itti dubbatuu (Hoji.erga 5:15).

Phaawulos Israa'eeloota lafa gammoojjii keessa yeroo ture (Ba'uu 40:35) barsisootaani "s*hekinah*dumeessa ulfina" jedhamee akka waamamu in beeka. *Shekinah* jechuun "dhaabbataatti buluu" jechuu dha. Phaawulos Waaqayyoo dhaabataati dhuunfaa isaatti isa wajjin dhaabachuu barbaada. Kristoosiin dhaabataati guutummaati jiraachuuf mul'ataa akka turee jechuu dha. Isa kana galmi kiristaanummaa, humna dhuunfaa miti ulfina dhuunfaa miti, shaakala addaatii fi yookaan beekumsa miti (jechuun, "rakkinaa fi dadhabii keessatti isa gara beekuutti dhufuun" Filli 3:10).

**12:10 "Kanaafis dadhabiidhaan…na gammachiisaa"** Phaawulos shakaala dhuunfaa isaa irraa (karaa Damaasqoo) kan dhuunfaa isaa yaalii yaada gaarii qophaa isaa ga'aa akka hin taanee in beeka. Humna utuu in ta'iin ayyaana nu barbaachiisa (lakk.9). namni kam iyyuu humna Waaqayyoo akka malee qabachuu in danda'uu (1 Qoro 1:29, Efe 2:9). Ayyaana Waaqayyoo, humna, fi ulfina isa kan hin madaalee karaa namaati kan inni dubbate.

▣ **"Dadhabbitti na gammachiisa"** Phaawulos luqisii hafee keessatti dursee 4:7-11, 6:3-10, 11:24-28 tajaajila heerame yaalii isaa walitti qabuudhaan dubbata. Phaawulos Maati 5:10-12 irratti kan jiru jecha Yesus beeka.

## II Qorontos12:11-13

**11 Isin itti na oofnaan of jajuu kootiin gowaan ta'e; anaaf dubbachuun isiniif in ta'a ture. Ani waanuma tokko yoon ta'uu dhaabaadhe iyyuu, karaa tokko illee ergamoota warra hundumaa irra caalan sanaa gad miti*. 12 Ergamaa gooftaa ta'uu koo mul'isuudhaaf milikkinni, dinqiin, hojiin aangoos obsa guddaadhaan isin giddutti godhameera*. 13 Wanta waldooni Kistaanaa warri kaan qaban keessaa kan isinitti hir'ate jiraa ree? Wanti isinitti hir'atee yoo jiraatee immoo ani ba'aa utuu isinitti hin ta'in hafuu kooti, balleessaa isa kanaaf immoo hadaraa anaaf dhiisaa*.**

**12:11 "Gowwaa ta'eera"** kun PERFECT ACTVE INDECATIVE dha gareen murtaa'aan (1 Qoro 1-4) yookaan bakkaa bakkaatti kan naanna'aan barsisoonni sobduun (10-13) bulchiinsa Phaawulos, taayitaa isaa, dandeetti haasaa isaati, wangeela isaas dabalate mormaniiru. Kanaaf Phaawulos waa'ee mataa isaa in falma. Kana karaa adda addaatiin godheera.

1. Jireenya isaa jireenya isaanitii wajjin wal bira qabuudhaan akkaataa ogummaa
2. Haasaa isaani in fayyadama garuu gadi of deebisuudhaan.
3. Tuqaa isaa guddaa dubbachuudhaaf jecha ciigoo in fayyadama

Namoota gowwaa kan jedhuu mata duree addaa 1 Qoro 15:36 ilaali.

▣ **"Ana"** xiyyaafannoo kan barbaaduu dha "ana" (jechuun, *igō*) lakk.11, 13, 15 fi 16 irratti fayyadama irra ooleera.

▣ **"In ta'aaf ture"** yaadannoo guutuu 3:1 irra ilaali.

▣ **"Ani maali illee yoon ta'uu baadhee, ergamoota gurguddoodhaan waa tokkoon illee in hira'adhuu"** yaadannoo guutuu 11:5 irratti ilaali.

▣ **"Yoo ta'ee"** kun FIRST CLASS CONDITIONAL SENTENCE kan tajaajiluu waan barbaadee dbbaachuudhaaf kaayyuu ogbaruutiif malee dhugumatti waan ta'uuf miti. Phaawulos isaan irraa waa tokkon iyyuu hir'u miti.

▣ **"Ani waa tokkoo yoon ta'uu baadhee iyyuu"** Phaawulos bakka inni jiraatu kan hubatuu fi kan inni beekuu ayyaanaan akka ta'ee qofa (1 Qoro 15:9, Efe 3:8, 1 Xiimoo 1:15). Bakka isaa kan beekuu akka waamameef kennaa akka qabu ergamaa dha (Hoji erg. 8:22, 26).

**12:12 "Mallattoodhaa fi wanta dinqii nama ajaa'ibsisuunis"** tajaajili Phaawulos kan mirkanaa'ee humna Waaqayyootiin (1 Qoro 2:4, 4:20, Room 15:19). Haa ta'uu malee inni dinqii qofaan miti garuu, waldaa kiristaanaa kana biraan inni Waaqayyoo biraa ta'uu isaa kan cimsuu amala isaatii fi hojii isaa dabalateeti malee.

**12:13 "Ani matan koo yoon isinitti ulfaachuu baadhee"** kun waldaa kiristaanaa garee gareen qoqodamtee akka gargaaraan hin barbaane. Filliphusitti (Filli 4:15) fi Tessolonqeetti (1 Teso 3:6) waldooti kiristaanaa jiran garuu akka gargaaran hiyyameera, garuu kana kan godhee magaalaatti keessaa gadi dhiisee erga ba'ee booda ture. Waldaa kiristanaa Qorontosin kan turan hunda isaani miidheera (lakk. 13a) garuu Phaawulos isaan barsisoota sobduu kana sababa konii isaanitiif in raafamne ([1] Qoro 9:3-18).

▣ **"Waldoota kiristaanaa"** 1 Qoro 1:2 (kan jiru mata duree addaa ilaali.

▣ **"Yakka koo kana naa dhiisaa"** kun jecha ciigootiin waraanuu dha.

## II Qorontos12:14-18

**14Si'a sada gara keessan dhfee isin dubbisuuf qopha'era; garuu ba'aa isinitti in ta'u, anoo isinan barbaada malee, waa isin irraa hin barbaadu, warratu ijoollootaaf walitti qaba malee, ijoolleetuu warra isaanitiif walitti qaba miti*. 15Ani isiniif jedhee waanan qabu hundumaa, ofii koo illee taanaan isiniif dabarsee kennuudhaaf nan gammada; egaa ani baay'isee waanan isn jaalladheef, isin immoo xinneessitani na jaallattuu ree*? 16Egaa akkan ba'aa isin irratti hin ta'in beekamaa dha, garuu haxxee ta'ee, haxxummaadhaan akka waanan harka koo keessaa isin galfadheetti in yaadu. 17Namoota warra ani isinitti erge keessaa karaa isaa gowwoomsee kanan waa isin irraa nyaadhe isa kam ree? 18Tiitoos gara keessan akka dhufu gorsee, obboleessa sana wajjin ergeera; Tiitoos isin gowwoomsee waa isin irraa nyaateeraa ree? Nuyi hafuuruma tokkoon deddeebi'aa jirra mitii ree? Faanuma tokko irrra adeemnas mitii ree*?**

**12:14**

**NASB, NRSV**
**NJB** **"asitti'**
**NKJV** **"Amma dhaaf"**
**TEV** **Irra utaaleera….**

Jechi Giriki kun PERTICLE *idou*, yeroo ta'uu xiyaafannoo addaa kan barbaaduu jecha yeroo ta'uu wangeela keessatti irra deddeebi'ee fayyadama irra ooleera irra deddeebi'ee "egaa" gara jedhuuti hiikameera. Kan tajaajiluus hima itti fufee jirutti bifa xiyaafannoo barbaaduu dha. Phaawulos kana darbee darbee fayyadama (Room 9:23 [luqisii kakuu moofaa irraa]), 1 Qoro 15:51, II Qorontos5:17, 6:2, [luqisii kakuu moofaa irraa]) 9, 7:11, 12, 14, Galaa 1:20).

▣ **"Kun yeroo sada kooti"** macafa Hojii ergamootaa yeroo lama qofa Qoronxoosiin akka daawwatee galmeessera (Hoji erga. 18:1, 20:2-3, II Qorontos1:15, 13:1, 2). Haa ta'uu malee hojiin ergamootaa seenaa hundumaa barreefamaan macaafa qabatee miti, haa ta'u malee kiristaanummaan saba tokko irraa gara saba kaaniiti, Paalastaahin irraa Roomaa akkamitti akka ga'ee kan galmeessu barreefama barumsa Waaqayyummaati.

▣ **“Isinitti hin ulfaanne”** horiin kun waa’ee fudhachuu argisiisa 11:9, 12:13, 1 Qoro 9:12, 18. Phaawulos tajaajiloota horii mirga fudhachuu akka qaban garuu dhuunfaa isaati kana fudhachuudhaaf sababi inni fedha in qabaanneef (1)waa’ee kanaatiif barsisoota sobduu irraa komin irra ga’eera (14b) yookaan (2)seenaan isaa durii akka barsiisaati ilaalamaa waan tureef wanta kana in barbaanne.

▣ **“Isin malee”** Phaawulos fedha isaanii gaariif amanamummaa isaani malee horii isaani hin barbaanne.

▣ **“Ijoollee…maatii”** Phaawulos fakkeenya maatii fayyadameera. Isaaniif abbaa hafuuraa akka ta’ee mataa isaa lakkaa’aa 1 Qoro 4:14-15, Galaa 4:19).

**12:15 “Nan kafala”** jechii Girikii bifa sadiin hubachuun kan irra jiraatu (1)jecha kallattii “horii kafaluu” (Hoji.erg. 21:24) yookaan (2) fakkeenyaan immoo “guutuu guutuutti balleessuu” (Maari 5:26). Phaawulos qabeenya qabuu hundumaaf mataa isaas dabalatee waa’ee Kristoosiif jedhee waldaa kiristaanaa Qorontosiif kennuudhaaf fedha qaba ture. Karaa ifa ta’een Phaawulos horii ilaalachisee tapha jechaati kan inni godhaa jiru. Isaan isa irratti horii isaanii akka baasaan utuu in ta’iin inni isaan irratti baasuudhaaf qophaa’aa ture.

▣ **“Waa’e lubbuu keessaniif”** “lubbuu isaanii” (jechuun, *psychē*) barreefama Phaawulos keessatti Filli 1:27 irratti akka “hafuura” pnuma namoota miira ilaalatuun fayyadama irra ooleera.

Kun nama waa’ee iddoo lamatti qooduu dichotomy miti garuu lafa kana irraa fi Waaqayyoo wajjin kan jiru walitti mdhufeenya lamaanuuti. *Nephesh* kan jedhuu jecha Ibirootaa (BDB 659) uumama irratti waa’ee namaatii fi waa’ee horii fayyadama irra oolera garuu “hafuura” (*ruah* , BDB 924) karaa adda ta’een waa’ee dhala namaati fayyadama irra kan oole. Kun waa’ee sanyii namaa uumama iddoo sadittii waa’ee qoodu (*trichotomous*) guutuu guutuutti kan argisiisuu barreefama miti. Jalqaba mucaan namaa macaafa qulqulluu keessatti tokkummaaddhaan kan inni mul’ate (Uumama 2:7). Yaada kanaaf guduunfaa gaariin akka sadiiti (trichotomuos) fi lamanis immoo (*dichotomous*) yookaan tokkummaadhaan (unity) Millard J.Erickson’s Christian Theolohy (second edition) fuula 538-557 fi Frank stagg’s polarities of man’s exixtence in Biblical perspeceive kan jedhuu ilaaluun in danda’ama.

▣ **“Yoo jaallatanii”** kun haala barreefamichaatiin yoo ilaalamee yookaan adeemsa ogbaruutiin dhugaa akka ta’ee kan yaadaamuu FIRS CLASS CONDITIONAL SENTENCE dha.

▣ **“Hangaa caalaa”** kun wal qabannaa kan qaban tokkummaa jechootaa II Qorontoskeessatti miira ta’uu kan qabus barreefama gura guddiftuu tooftaa isaa argisiisa. Yaaannoo guutuu 2:7 irratti ilaali.

▣ **“Jaalallii keessan anatti kan xinnaateedhaa hii?”** Phaawulos isaaniif ammuma kenneef isaanis immoo kabaja isaaf qabaniif jaalalli gadi bu’aa turee. Kun haala hin taanee ture.

**12:16 “Haa ta’uu malee ani isinitti hin ulfaanne, haa ta’uu malee gowwoomsituu ta’ee hameenyaan isin qabe”** kun tarii boqonnaa 8-9 keessatti kan jiruu waldaa kiristaanaa Yerusaalemii fi horii gargaarsaa walitti qabuu wajjin kan wal qabatee ta’ee danda’a.  Barsiisootni sobduun horicha mataa isaanitiif jedhe walitti qabuuf namoota akka ergee in hammatu turan (lakk. 17-18asitti yaadii Phaawulos haasaa ciigooti.

**12:18 “Tiitoo”** macaafa Hoji ergamootaa keessatti heeramuu dhiisuun isaa nama aja’iiba (inni tarii obboolessaa Luqaas ta’uu danda’a). Inni Phaawulos warra amanuu keessaa fi gargaartuu isaa keessaa isa tokko (2:13 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali). Tiitoonis fakkeenya Phaawulos duukaa bu’uudhaan waldaa kiristaanichaa irra gargaarsa horii tokkoo illee in gaafanne.

▣ **“Isaa wajjin obbolessaa isaa”** kun tarii 8:18 wajjin wal fakkaataadha. Tokko tokkoo Luqaas akka ta’ee yaaduu (Origaan). Waldaa kiristaanaa kan bakka bu’an namoonni Phaawulos qabaachuu isaanii waldaa kiristaanaa Yerusaaleemiif gargaarsa godhamuu walitti qabuuf degersa ilaalatee mormii ka’uu akkasumaan gochuuf in gargaaru.

▣ lakk.17 fi 18 gaaffii wal duraa duubaa afur qabu. Gaaffiin lamaanuu boca seer.lugaa “miti” deebii qabuu kan ta’uu laman hafan immoo “eeyyee” deebii jedhuu laatu.  Kaayyoon gaaffichaa Phaawulosis ta’ee Tiitoo sababa isaan komataniif ta’uu akka hin dandeenye argisiisuudhaaf.

▣ **“Hafuura tokkoon”** kun kan fayyee hafuura Tiitoo argisiisa (jechuun, LOCATIVE CASE). Phaawulos yeroo baay’ee “hafuura” kan jedhu waa’ee mataa isaa argisiisuuf fayyadama (2:13, 7:13, 1 Qoro 2:11, 5:4, 16:18, Roomee 1:9, 8:16, Fillimoonaa 4:23). 7:13b irratti kan jiru ilaali.

**II Qorontos12:19-21**

**[19]Michoota ko! Hamma ammaatti nuyi waan itti qabata barbaaddachaa turre isinitti fakkaataa? Kana Kristos fuula Waaqayyoo duratti waan hundumaa in dubbanna*. [20]Yommuun dhufu akka ani itti isin arguu barbaadutti isin hin argu ta'a; isinis akka itti na arguu barbaadanitti ana hin argitan ta'a. Qoccolloon, hinan, dheekkamsi, ofitummaan maqaa namaa balleessuun, dhoksanii nama hamachuun, of bokoksuun, gara-dhabuun isin gidduu jira ta'a jedheen sodaadha*. [21]Deebi'ee gara keessan yommuun dhufu Waaqayyo waa'ee keessaniif gad na deebisee, namoota baay'ee warra kanaan dura xuraa'mmaa, halalummaa, jireenya gad-dhiisii isa itti jiraachaa turan irraa yaada gara isaanii hin geddaratiniif na boossisuuf jira jedheen sodaadha*.**

**12:19 "Yeroo hundumaa"** Phaawulos xalaayaa ammaa kana argisiisaa jira (jechuun 2 Qorontos).

▣ **"Isiniif waa'ee mataa keenyaa akka deebifnuu yeroo hundumaa isinitti fakkaataa hii"** kun jecha ciigoo kan ta'ee yaadachiisa. Phaawulos waldaa kiristaanaa kana akka gaariiti beeka. Waa'ee gaaruummaa mataa isaanitiif bilisummaa tilmaama gurra guddistuu qabu turan.

▣ **"Waaqayyo duratti"** Phaawulos gaalee kana mataa isa Waaqayyoon duratti dhugaa ta'uu isaa bakka itti kakuu galee 2:11 keessatti fayyadameera.

▣ **"Isin haa qulqulleesinu"** Phaawulos jecha kana mataa isaa fayyadamuudhaan 10:8 keessatti taayitaa mataa isaa heera. Kallatti hin taaneetti kan geessaa jiruu waldaa kiristaanaa eeguuf irraa dhorkuuf jecha waa'ee mataa isaatiif dhorka. Wanta inni godhuu hundumaa waa'ee isaanitiif malee waa'ee mataa isaaf miti. Qulqulleessuu kan jedhuu mata duree addaa 1 Qoro 8:1 irratti ilaalaa.

▣ **"Akkan isin jaalladhuu"** Phaawulos kallatiidhaan kan dubbatuu waa'ee waldaa kiristaanaa kanaati kun jecha labsii jaalalaa ture (1 Qoro 10:14, 15:58, II Qorontos7:1, 12:19).

**12:20** kun waldatti kiristaanaatii fi Phaawulosii fi mataa isaanitiif kan qaban 1 Qoro labsii sirrii callaqisiisa.

▣ **"Jeeqamsis"** ibsa guutuu 1 Qoro 2:11 irratti ilaali. Jechi kunni fi kan itti fufee jiruu jechii qeenxeen SINGULAR (MSS p46, a, A) yeroo ta'aan itti fufee kan jiru immoo kan lakkoofsa baay'ee PLURAL taa'eera.

▣ **"Hinaafaanis"** qabiyyee kana keessatti gareedhaan hafuura qoqoduu argisiisa (1 Qoro 3:3). 9:2 irratti kan jiruu barsiisa ilaala.

▣ **"Dheekamsa"** kun keessaa kan ba'ee dheekamsa dho'iinsa argisiisa (Galaa 5:20, Efe 4:31, Qolaa 3:8).

▣ **"Falmii"** jechi kun (jechuun, *eritheia*) ka'umsumma irratti "hojitti mindeefamuu fi deddebi'uu" argisiisa. Booda irratti jechichi abbaa hiru'ummaatiin namoota of jajoo jiraachuuf qofa jechuuf jedhanii hojjeetan hojjeetoota irratti fayyadama irra ooluuti dhufe. Kan akka kanaa amalli kallatiidhaan 1 Qorontos keessatti wal dorgommii jiruu jechuun qoqoodiinsa garee argisiisa keessumatti boqonnaa 11. Jechi kun irra deddeebi'ee Phaawulos fayyadameera Roome 2:8, Galaa 5:20, Filliph 1:17, 2:3, dabalataaniiss Yaaqoob 3:14, 16 keessatti akkamitti akka itti fayyadamuu ilaali.

▣ **"Hamis"** kun maqa balleessuu waa'ee nama biraa hamaa dubbachuudha (Roome 1:30, II Qorontos12:20, Yaaqoob 4:11, 2 Pheexi 2:1, 12, 3:16). Sochiin kun sochii seexannaa argisisiuudhaaf fayyadama irra kan oolee.

▣ **"Hasaasuunis"** hasaasuu jechi jedhuu nama tokko booda ta'aani haasaa dhuunfaa dabarsuu agarsiisa.

▣ **"Of jajuunis"** *phusioō* kan jedhuu jecha Girikii hundeema isaa irraa wanta tokko irratti hafuufuu yookaan hafuura baafachuu jechuu dha (jechuun, *Robertson, word Pictures in the New Testament, p. 105* fi *Vincent word studies, fuula 766 from phusa'* kanaa gad kan jiru*)* ogbaruu kiristaanaa keessatti fayyadama irra fayyadama irra ooluu jalqabee (tarii Phaawulosiin) dubbii haalaatiin of jajuu yookaan of tuuluu argisiisa. Kunni Qorontosiin kan jirtuu waldaa kiristaanaa rakkoo hafuuraa isa guddaa ture. Phaawulos jecha kana 1 Qoro 4:6, 18, 19, 5:2, 8:1, 13:4 fi II Qorontos12:20 keessatti waa'ee cubbuu tarreefama isaanii keessatti. Ergaa Qorontos ala kakuu haaraa bakka tokkootti Qolaa 2:18 irratti qofa isas waa'ee Noostiis (Ginostis) beekumsa addaa bakka argisiisuu qofatti dha fayyadama irra kan oole.

▣
**NASB** **"Jeequmsa"**
**NKJV** **"Jeequmsa"**
**NRSV, TEV** **"Jeequmsa"**
**NJB** **"Jeequmsawwaan"**
1 Qoro 14:33 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali. Dabalatanis jechii kun Yaaqoob 3:16 irrattis fayyadama irra ooleera. Barreefama Phaawulos keessatti wanti baay'ee gadheen jecha argisiisan baay'inaan argamuu (Roome 1:29-31, 1 Qoro 5:11, 6:9, Galaa 5:19-21, Efe 4:31, 5:34, Qolaa 3:5-9). Bifa baay'eedhaan Siitookihooni Stoics wantoota tarreesanii wajjin wal cina deema. Kiristaanummaan deebii namuusa gaarii wajjin adeema. Jireenyi bara baraa argamuu kan inni danda'uu namuusa gaarii irratti argama.

**12:21** Phaawulos waldaa kiristaanaa kana qalbi yoo jijjirachuu baatee lama deebi'ee yeroo dhufuu (13:2) tooftaa ergamummaa isaa fayyadamuudhaaf kan fayyadamu ta'uu isaa yaadachiiseera. Garreewwaan tokko tokkoo (jechuun, 1 Qorontos) fi barsisoonni sobduun (jechuun, 2 Qoro) ifatti of jajuudhaan wanta gaarii hin taanee adeemsa jireenya hordofuu irratti dha.

▣
**NASB, TEV**
**NJB** **"Akka na salphisuuf"**
**NKJV,NRSV**
**NIV** **"Gadi akka na qabu"**
Phaawulos hundee jechaa kanaa ergaa isaa Qorontos keessatti karaa adda addaatiin fayyadama (Harold K Moulton, The Analytical Greak Lexicon Reviseve p 397 kan fudhate).

1. *Tapeinos*
   A. Haala keessatti gadi jechuu, gadi qabamuu (II Qorontos7:6)
   B. Garaamummaa jaallachuu yookaan waa tokko dabaluu malee (II Qorontos10:1)
2. *Tapeinoō*
   A. (MIDDLE VOICE) haala gadi of qabuu keessa jiraacuu (II Qorontos11:7)
   B. Abdii yookaan wanta tokkoo eegatanii gadi of qabaa ta'uu, abdii kutanaa keessatti ta'uu (II Qorontos12:21)

▣ **"Nan gadda"** 1 Qoro 5:2 irratti kan jiru yaadannoo ilaali.

▣ **"Duran dursanii cubbuu kan hojjeetan yoo hojjeetaniif"** gaaleen guutuun kun as qofaa fi 13:2 keessatti kan heerame barrefama tokko ARTICLE fi keeyaata booz PARTICIPLE hiikama. Inni PERFECT ACTIVE PARTICPLE durgala Girikii PROPOSITION pro (jechuun, dura … before) fi *hamartanō* (jechuun, cubbuu gochuu ) dha. Wali wajjin yeroo dhufuu cubbuu kan godhanii fi cubbuu sanatti jabaatanii kan jiraatan argisiisa. Kan yeroo darbee "past" kan argisiisuu as keessatti hin hammatamne garuu hiiktooni kan isaan itti dabalanii dha. Yeroo hammachuu kan danda'uu INDICATIVE MOOD qofa.

▣ **"Qalbii yoo hin jijjiirannee"** lakk.kun kan inni argisiisuu cubbuu gochaa kan jiraatan kiristaanoota. Qalbi jijjiirachuun barbaachiisa dha. Jalqaba qofatti miti (Maari 1:15, Hoji.erga, 38, 14, 3:16, 19, 20:21) garuu kan itti fufiinsa qabu dha (1 Yohaa 1:9). Qalbi jijjiirachuun amantootaaf tokkummaa kan harreesuu dha malee kan ittin fayyan miti. Qalbi jijjiiranaan seera amantii raawwachuu yookaan duraa duubaa hafuuraa kan qabuu ta'uu isaa caalaa Waaqayyoo dhaa fi jireenya dhuunfaa wajjin dhimma wal arguisiisuu qaba. Yaadannoo guutuu 7:8-11 irratti ilaali.

▣ **"Xuraa'ummaa ejjaa walitti dhufeenya badaa"** isaan kun kiristaanoota Qorontos haaraa hawwii cubbuu akkamii irraa kan guutee aadaa irraa akka dhufan yaadachuu qabna. Maqaa Waaqoollii tolfamaa isaanitiin ejja raawwachaa fi bamuusa badee keessatti dha kan isaan guddatan. Garuu lakk.kun dabalataanis kiristaani akkam godhee jireenya qalbi jijjiiranaatiin akka jiraatu argisiisuu isaa hubadhu (1 Yoha 1:9, Faar. 19:12-14). Qalbi jijjiiranaan jireenya deemsa kiristaanummaa keessatti ka'umsa, akkasumas immoo shaakala itti fufuu dha. Barreefamni kun tarii dandeeti haasaa warra Girikootaati kan xiyaafatan kunnis Nustikootaa fi fudhachuu isaanii kan argisiisuu jechuun beekumsa irratti xiyaafannoo gochuu, akkasumas immoo safu maleessa kan ta'an dhimma gadi qabani kan ilaalani kan barsisoota sobduu argisiisa. Jechootni kun guutummaatti Phaawulos cubbuu bakka itti tarreesse cubbuu jechuun Galaa 5:19 irratti heereera. Tola qulqullummaa irraa adda baasuun irra hin jiraatu yookaan adda ba'uu in danda'u!

## Gaaffiillee maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta’utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Phaawulos mul’ata isaa akka ta’ee maaliif heeree? Akkasumas immoo waa’ee isaa kan inni nutty hin himneef maaliif?
2. Bu’aa kennuudhaaf dadhabiin maaliif furtuu ta’ee?
3. Waaqayyoo kaayyoo isaa raawwachuudhaaf hamaa in gargaaramaahii?
4. Phaawulos waldaa kiristaanaa kana irra horii fudhachuuf kan dhi’aatee maaliif? (Lakk.20-21).

# II Qorontos 13

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Nagaa isa xumuraatii fi akeekkachiisa | Aboon dhufuu | Waa'ee of qoruu fi sirreessuu waamicha taasifame | Nagaa isa xumuraatii fi akeekkachiisa | Dhiphinaa fi yaaddoo Phaawloos |
| | | (12:19-13:10) | | (12:19-13:10) |
| | 13:1-6 | | | |
| 13:1-4 | | | | |
| | | | 13:1-4 | 13:1-4 |
| | Phawloos Ormoota filata | 13:1-4 | | |
| 13:5-10 | 13:7-10 | | | |
| | | | 13:5-10 | 13:5-10 |
| | Nagaa fi galata | 13:5-10 | | |
| | 13:11-14 | | | |
| | | Xumura | | Xumura |
| 13:11-12 | | 13:11-12 | | |
| | | | 13:11 | 13:11 |
| | | | 13:12a | 13:12 |
| | | | 13:12b | |
| 13:13 | | 13:13 | 13:13 | 13:13 |

**DUBBISA MARSAA SADA (fuula v irraa ilaali)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

**QAYYABBANNAA JECHAA FI GAALEE**

## II Qorontos13:1-4

**[1]Kanaan si'a sada gara keessan dhufuu kooti; akkuma caafame, "Dubbin tokko dhuga baatuu lama yookiis sadi irra in dhaabata*". [2]Ani yeroon lamma dhufetti warra kaan hundumaas yoon deebi'ee dhufe akkan isaan hin qusanne qixaaxxadheera; akkuman qixaaxxadhe immoo, amma utuun isaan bira hin jiraatinis isaan nan qixaaxxadha*. [3]Kristos karaa koo akka dubbatu immoo, amansiisa barbaaddan hundumaa argachuuf jirtu; inni isin keessatti kanatti dadhabaa miti*. [4]Inni dadhabbidhaan fannifame, humna Waaqayyootiin garuu in jiraata; nuyis akkasuma isa duratti dadhaboota, garu humna Waaqayyootiin, bu'aa keessaniif isaa wajjin in jiraanna*.**

**13:1 “Gara keessan dhufuun koo kun sada kooti”** luqisiin kun ergamaan Phaawulos 1 fi 2 xalayaa isaa giddutti deemsa gadisiisaa gara Qorontositti godheera kan jedhuu yaada-rimee degersa laata (12:14) amma illee deemsi kun macaafa Hoji ergamoota irratti yoo galmaa’uu baatuus.

▣ **“Tokkon tokkoon dhugaa”** kunni Keessa deebii 19:15 heeruu irraa jalqaba (Seera lakk. 35:30, Keessa deebii 17:16, Maati 18:16, 1 Xiimoo 5:19) luqisiin kun waa’ee adeemsa murtii nutti hima. Boqonnaa kana keessatti kan heerame wantoota lama ilaalachuu danda’a.

1. Phaawulos waldaa kiristaanaa madaaluun isaa al lama achitti argamee isaani dubbateera. Waa’een muudama dhugaa itti gaafatamummaa qabuu dirqamas qabu.
2. Waldaa kiristaanaa keessatti garee jijjiramaa wajjin kan wal qabatee kan fudhatamee adaba (qajeelchuuf) tarkaanfii kan ilaalatuu ta’uu danda’a.
   - A. 1 Qoro 1-4 (12:20) kan jiru naanummaa garee
   - B. Safuu maleessa kan ta’an (dalai kan ba’aan) garee (12:20)
   - C. “Ergamoota mudaa hin qabne” yookaan yihudummaa fi Yerusaaleemi wajjin kan argaman kan barsiisoota sobduu (boqonnaa 10-13) keessumatti 11:13-15).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Yoo mirkanaa’ee in gala”** |
| **NKJV** | **“Yoo dhaabatee in gala”** |
| **NRSV** | **“Iti fufeenya yoo qabaatee in gala”** |
| **TEV** | |
| **NJB** | **“In barbaachiisa”** |

Gochamni galumsa kanaa FUTURE PASSIVE INDICATIVE (NKJV) garuu Barbaraa fi Tiimooti Firbergii Analyitical Greak New Testament p573 kutaan kun akka mata dureetIi Passive Apretive dha kan inni tajaajilu (NRSV, NJB) mata duree kan jedhuu Special topic stand Hist’ne) At 1 Qoro 15:1 ilaali.

**13:2 “Duraan dursanii cubbuu kan hojjetan kan biroo hundumaaf”** kun garee lama kan ilaalatu ta’a. Inni jalqabaa “duraan dursanii cubbuu kan hojjetan” (PERFECT ACTIVE PARTICIPLE ) isaan kun Phaawulosiin al lama kan dhaga’aan garuu geggeessuu isaa irratti mormi kan kaasaan ilaalata. Kun 1 Qoro 1-4 jiruu garee naannummaa yookiin safu maleessa kan ta’an garee ilaalata (12:20-21, 1 Qoro5) “kan biraan hundumtuu” gaaleen jedhuu yeroo lamaanuuti kan hin argamiin kan ilaalatu fakkaata tarii boqonnaa 10-13 xiyyaafannoon kan itti kennamee ergamoota sobaa fi degertoota kan ilaalatuu ta’uu danda’a. Kamminis ta’ee kammiin ergamaan Phaawulos garee lamaanuu rakkoo xiyaafataa akka kennuuf barbaadeera isaan xiyaafannoo yoo in goonee inni xiyyafannoo in godha.

▣ **“Yoo ta’ee”** kutaa sadii hima haalaati. Garuu kan hin tajaajillee akka yerootti gochama ta’eeti. (16:7 fi 1 Yoha 3:2).

▣ **“Ammas deebi’ee yoo dhufee akkan garaa isiiniif laafuu”** 1 Qoro 7:23 fi II Qorontos1:23 irratti jecha kana karaa sirrii ta’eeni dha kan fayyadamuu garuu yaadi seera qabeessa ta’e (jecha) asittis 12:6 (10:1).

**13:3 “Ragaa”** kun kan qoramuu (kan mirkaneessuu) yaada qabiyyee kana keessatti irra deddeebi’a. jecha Girikii lama giddutti dokimazō fi periyazō tapha jechaa qaba.

1. Lakk.3 ragaa _ *dokimē* (2:9, 8:2, 9:13, 13:3)
2. Lakk.5 qormaata _ *peirazō* (13:5)
3. Lakk. 5 sakkata’uu _ *dokinamazō* (8:8, 22, 13:15)
4. Lakk.5 ga’aa yoo ta’uu bataannis _ *adokimos*
5. Lakk.6 kan hin geenye akka hin taanee *adokimos*
6. Lakk.7 galata_dokimas *dokimos* (10:18)
7. Lakk.7 kan hin geenye akka ta’uu hin dhiifne_ *adokimos*

Qayyabbannaa guutuu 1 Qoro 3:13 irra kan jiru mata duree addaa qayyabannaa jechaa ilaala.

▣ **“Anaan kan dubbatuu Kristos”** tokko tokko Qorontositti taayiitaa ergamaa Phaawulos in fincilu turan. Lakk.5 akka arginutti Phaawulosiin “in qoru” turan lakk.5 Phaawulos immoo isaan “in qora” jireenya Phaawulositti jireenyi Kristoos mirkanaa’eera (12:12).

▣ **“Dadhabaa miti”** jireenya Yesusitti akkuma arginuu dadhabiin karaa gara mo’iichaatti deemnu karaa Waaqayyooti. (10:1, 11, 12:9, 13:9) namni tokko wantoota hafuuraa raawwachuudhaa (hojjeechuu) Waaqayyo

duratti in ulfaatu. Kun kan Waaqayyoo bu'aa eenyummaa isaati malee bu'aa eenyummaa namaa miti. Wanta hafuuraaa raawwachuun bu'aa wanta Waaqayyoo dhi'eessuti. Amantooti humni Waaqayyoo keessa isaani akka darbuuf dadhabii isaanitti akka gargaaruu iyyamuufitti irra jira. Dadhaabbii kan jedhuu mata duree addaa II Qorontos12:9 irra kan jiru ilaala.

Lakk.3-4gowwomsaa fi of tuultoota kan ta'an barsiisoota sobduu faallaan kan dhi'aatee guduunfaa dha, sababa itti fufee jiruuf olaantummaa in labsuu turan.

▣ **"Isiniin… keessa keessanitti"** isin kan lakk.baayeeti Phaawulosi tokkummaadhaan kan ta'ee shaakala kan argisiisuu malee kan dhuunfaa miti. (lakk.5) tarii hiikii isaa "gidduu keessanitti" kan jedhuu bifa fooya'een ibsa.

1. Hidda sanyii
2. Kan dhuunfaa shaakala kennaa hafuura qulqulluu
3. Kan hundummaa irra caaluu leenjii haasaa warra soofistootaa
4. Mataa ofii kan biraa wajjin walin dorgomsiisuu

▣ **"Waa'ee keessaniif….haa ta'uu malee isinii"** "isin" kan jedhuu lakkofsa baayee Phaawulos waa'ee tokkummaa shaakala argisiisa. Waa'ee shaakala dhuunfaa miti (lakk.5). tarii TEV hiika "isin giddutti" kan jedhuu xiyaafannoo harkisa.

**13:4 "Kan fannifamee"** Phaawulos du'a Kristos ibsuudhaaf jechoota adda addaa fayyadma

1. Du'a (Roomee 5:6, 8:34, 14:15, 1 Qoro 8:11, 15:3, II Qorontos5:15, Galaa 2:21, 1 Tesso 4:14, 5:10)
2. Dhiiga (Roome 3:25, 5:9, Efe 1:7, 2:13, Qolaa 1:20)
3. Fannoo (1 1:17-18 Galaa 5;11, 6:12, 14, Efe 2:16, Fillipho 2:8, Qolaa 1:20, 2:14)
4. Kan fannifame (1 Qoro 1:23, 2:2, II Qorontos13:14, Galaa 3:1)

▣ **"Humna Waaqayyootiin jiraataa ta'ee jiraata"** Kristosiin kan ilaalatee gaalleewwaan akkasi waldaa kiristaanaa ishee jalqabaati falmii baay'ee kaase jira. Yesus Waaqa hin turee hii? Nama kan ta'ee Yesus humna Waaqummaa addaa ta'eenidhaa kan jiraate? (akkana yoo ta'ee YAHIWH?) namni tokko tooftaa hubachuu lakk.1 irratti yookaan lakkoofsoota murtaa'an irratti hundaa'uu hin danda'u. garuu hidhata barumsa Waaqayyummaa hundumaa yaada isaa tilmaama keessa galchuudhaann waaqa tokkoo kan jedhuu mata duree addaa (qayyabbannaa) ilaalaa. 1 Qoro 8:4.

Yeroo baay'ee tuqaa kana keessatti kan heeramee jechii Waaqayyoo abbaan Yesusiin du'aa kaasuudhaaf hiyyama kan laatee (kan mirkaneesse) godhe dhi'eessa. (Hoji.erg. 2:24, 3:15, 4:10, 5:30, 10:40, 13:30, 34, 37, 17:31, Roomee 1:4, 6:4, 9, 8:11, 10:9, 1 Qoro 6:14, Galaa 1:1, Efe 1:20, Qolaa 2:12, 1Tessoo 1:10) ta'uus garuu kan biraan hafuura Waaqayyummaatiin kan barreefamee yaadas qaba. (1) haafurrii qulqulluun du'aa kaasaa (Roomee 20:11) yookaan (2)ilmii mataan isaa mataa isaa du'aa akka kaasee (Yoha 2:19-22, 10:17-18) kan dubbatanii dha.

▣ **"Nus isaan dadhaboota yoo taanee iyyuu, isin tajaajiluuf isaa wajjin jiraatoo taanee jiranna"** hubannoo Phaawulosiin kiristaanummaan kan amantootaa jireenya Kiristos irraa, du'aaf du'aa ka'uu isaa wajjin wali galuu dha. Inni gadi of deebbisuudhaan cal jechuu fi baay'ee utuu hin hubatiin akka deddeebi'ee nus akkasuma deddebi'uutu nurra jira. Kan biroo tajaajiluuf jedhee mataa isaa du'aaf dabarsee akka kennee nutis akkas gochootu nurra jira. Du'aa akka ka'ee nus har'a jireenya haaraadhaan jiranne 2 dhufuu isaatiin immoo qaama du'aa ka'uu isaa huffanne.

Kun Kristoosi wajjin barumsa wali galuu Roomee irra ifatti ta'eera. Phaawulos Roomee kan barreesse warra Qorontosii wajjin yeroo duddubachaa turee dha. Phaawulos kiristaanummaa kan inni hubatuu karaa tooftaadhaan Ergaa Roomee kan inni mul'atee fi Phaawulos sosochoo'uu kan dhaabee waldaa kiristaanaa gargaaruuf yaalii irra yeroo turee dha.

## II Qorontos 13:5-10

**5 Amantitti qabamtanii jirtu yoo taatan isinumti of ilaalaa! Of qoraa! Yesus Kristos isin keessa akka jiru dhuguma in beektuu ree? Yoo akkas ta'uu dhaabaate isin qorannaa sanatti kufuu keessan*. 6 Nuyi garuu kanatti hin kufne; kanas akka isin beektan nan abdadha. 7 Isin waan hamaa akka hin hojjenneef nuyi Waaqayyoon in kadhanna; nuyi waan kufne yoo fakkaanne iyyuu, isin immoo waan qajeelaa akka hojjetaniif malee, nuyi qorama sana darbuun keenya akka mul'atuuf miti. 8 Nuyi dhugichaaf hojjenna**

**malee, dhugicha irratti hojjechuu hin dandeenyu*. 9Yeroo nuyi dadhaboo taane, isin immoo jaboo taatan in gammanna; akkasitti fiixaan akka baatanifis Waaqayyon in kadhanna*. 10Aboo isa gooftaan ittiin**

**diiguuf utu hin ta'in ittiin ijaaruudhaaf anaaf kenneen yeroon gara keessan dhufu akkan isinitti hin hammaannetti, utuun isin irraa fagoo jiruu kana isiniif caafuu koo ti*.**

**13:5 "Of qoraa"** kun PERESENT ACTIVE IMPARATIVE kun *peirazō* hiiki isaas jecha jedhuu dha "bifa badiisaatiin qorachuu" 1 Qoro 3:13 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaala. Phaawulosin in qoratan amma mataa isaanii of qorootu irra jira.

▣ **"Tarii"** kun FIRST CLASS CONDITION SENTNCE dha. Ogummaan isaa kan tilmaameedh, Phaawulos amantaa isaanii in shakine. Garuu akka tufatamanii falmaa jira.

▣ **"Amantaa"** amantii (pesitis) kan jedhu jecha Girikii irraa kan fudhatamee dha, ingilliffi isaa karaa sadiihiin fayyadama irra ooleera. Isaan amantaa amanuu, amanachuu kan jedhuu dha. 1 Qoro 2:4 irratti kan jiruu qayyabannaa addaa ilaalaa. Kakuu haaraattti amantiin karaa sadiin fayyadama irra ooleera (Yesus Kristoosiin akka ta'ee dhuunfaati fudhachuu, (2)amanmummaan isatti jiraachuu (3)Inni qaama dhugaa ta'uu isaa (lakk.3, Galaa 1:23, 3:23-25) kiristanummaan bilchaatee yaada sadanuu tilmaama keesa galcha.

▣ **"Mataa keessan of qoraa"** Phaawulos ajajicha irra deebi'a (jechuun kan biraa Peresent actice Imparative) jechi biraas in fayyadama (innis *dokimazō*) qoramuu kan jedhuu kun immoo beekamtii (mirkaneefachuu) kennuuf kan jiru qormaata kan argisiisuu dha. 1 Qoro 3:13 irratti mata duree addaa jiru ilaali.

▣ **"In beektani hoo"** kun Girikidhaan *epigniōskō* kanjedhuu jecha Girikiiti (jechuunPERESENT ACTIVE INDICATE) shaakala irraa kan ka'ee beekumsa guutuu argisiisa.

▣ **"Yesus Kristoos isinni"** haga lakk.4 gaaleen kun (durgala wal fakkaataa fi kan lakk. baay'ee bakka maqaa PROPOSITION and PLURAL PRONOUN waan fayyadamuuf) tokkummaa irratti kan xiyyafatee waan ta'eef tarii haala nama dhuunfaa wanta ta'ee argisiisa. Kristoos sirridhummatti saba isaa gidduu dha, akkasumas immoo tokkon tokkoon amanaa keessa jira. Hafuurris yeroo baayee hafuura Yesus jedhamee waan waamaamuuf tajaajillii Yesusiif hafuuraa baay'ee kan wal qabatuudha (Roomee 8:9, 1 Pheexi 1:111) Yesus amantoota keessatti akka jiraatu dubbateera (Yohaa 11:23, Roomee 8:10, Qolaa 1:27, Maati 28:20 hubadhu. II Qorontos3:17 irratti kan jiruu "Yesusii fi hafuuraa" kan jedhuu mata duree addaa ilaali.

▣ **"Tarii kan in geenyee yoo ta'uu baataan"** gaaleen kun lakk.5 keessatti "amantitti yoo jiratan" kan jedhuu wajjin wal bukkee parallel dha. Phaawulos karaa adda addaatiin mirkaneessera (jechuun FIRST CLASS CONDITIOAL SENTENCE lakk. 5 irratti fi dokimazō fayyadama) warri dubbisan amantoota akka ta'an amana, garuu hunduma isaanii miti. Kristosin kan hin beekiin kan barsisoota sobduu bakka bu'ota qabu ("ganuu" kan jedhuu mata duree addaa 1 Qoro 6:9 irratti ilaali). Keeyatti kun isaanii wajjin walitti dhufa. Keeyati kun cubbuudhaan amantoota guutaman wajjin kan wal qabatee miti. Sababi isaa Phaawulos waa'ee isaanii 12:20-21 irratti dubbateera. Isaan qalbii jijjiraachuu galuu kan qabanbarsisooti sobduun immoo Kristoosidha kan fudhachuu qaban (Maati 7).

Phaawulos jecha kan maaliif bittaa Waaqayyoo jala gochuuf jecha akka wallasaa qabe akka fayadame hundumaa akkasuma sagalee kan mataa isaa 1 Qor 9:27 irratti fayyadamera. Phawulos "faayidaa dhaa ala"ta'uu ykn gatamuu hinbarbaadu. Amantoonni mata isaanii qoru qabu (Fil 2:12).

**13:6** Phaawulos isaa fi gargaatota isaa qormaaticha akka darban mirkanessaa jira (jichuun warra dhugaa hintaane jechuu miti *adokimos*, lakk. 7) kessummatti waldaa kiristaanaa Qorontoosin jiritu waajjin kan walqabateen miti. Kessa isaanii kan bule Kiristoosin osoo qabaatanii tajaajilli Phaawulos kan milkaa'edha jechuu dha.

**13:7** haalicha irraa yoo ilaalame cimaa, warrii sirrii ta'an waldaan kirisitaanaa Qorontoos geggeessaa Phaawulos fi bekamtii akka qabu mirkanesaniru. Sababi isaa Ergamummaa mataa isaa fi geggeessuu sirriitti argisiisuf osoo hintaanee waa'ee Waaqayyoo fi waa'ee Wangelaaf jechaa isaan waan sirrii dhaaf waan ta'uu qabu qofa akka godhan caalaatti barbaada (lak 9).

▣ **"Kan hingeenye…akka hingeenye"** Phaawulos tapha jechaa kan *dokimos* fi *adokimos* irratti itti fufa.

**13:8** Dhugaan qabiyyee kana kessatti Wangelli namummaa dhaan as a person (jechuun Masii kan ta'e Kiristoos) akka ergaatti (waa'ee Yesusif kan tane Wangelli)akka mala jirenyaatti (kan Yesus mataa isaa gadi of qabuu) argisisa.

## Mata duree addaa: "Dhugaa" barreefama Phaawulos kessatti

Kan Phaawulos fayadami jecha kan kan dhufee jecha Kakuu Moofaa *emet* kan jedhu irraa yeroo ta'u amanamaa ykn kan amanamu jechuudha (BDB 53). Barrefama Yihudotaa kessatti immoo hasaa sobaa wajjin wal bira qabuuf fayadama irra hin oola ture. Tarii kanaaf hiriyaan dhiwoo parallel ta'uu kan qabu Garba du'aa maramaa (Dead sea Scrolls') waa'ee barumsa mul'atan kanjedhu "farfannaa galtaa" dha. Hawasa Hisnawoota Essene Community dhugabatii dhugaa ta'aniiru. Phaawulos jechicha kan fayadamu Wangela Yesus Kiristoos karaa argisisuunidh.

1. Rom 1:18,25, 2:8,20, 3:7, 15:8
2. 1 Qor 13:6
3. 2 Qor 4:26:711:1013:8
4. Gal 2:5,14 5:7
5. Efe1:13, 6:14
6. Qol 1:5, 6
7. 2 Tos 2:10, 12, 13
8. 1 Xim 2:4, 3:15, 4:3, 6:5
9. 2 2:15 ,18, 25, 3:7, 8, 4:4
10. Tito 1:1, 14

Phaawulos jecha isaa hasaa isaa sirritti ittiin mu'isuf fayadamera.

1. Hoj.Erg 26:25
2. Rom9:1
3. 2 Qor7:14, 12:6
4. Efe4:25
5. Fili 1:18
6. 1 Xim 2:7

Mira isaa ibsuf itti fayadamera 1 Qor 5:8 mala jirenyaa isaa (kan Kiristaan hundumaa) ibsudhaaf Efe 4:24, 5:9 irratti fayadama irra oleera.altokkotti nama hundumaadhaaf fayada.

1. Waaqayyo, Rom 3:4 (Yoh 3:33, 17:17)
2. Iyesus, Efe 4:21 (Yoh 14:6 wajjin walfakkatadha)
3. Dhugabaatii Ergamootaa, Tito1:13
4. Phaawulos 2 Qor 6:8

Phaawulos, gochamicha kan fayadamu (jechuun *alētheuō*) wangeela kan agarsisu Gal 4:16 fi Efe 4:15 kesatti qofa dha. Qayyabannaa dabalataaf Colin Brown (ed), *The New International Dictionary of New Testament Theology* vol. 3, pp. 784-902. Ilaalaa.

**13:9 "Nuti dadhaboota tanee isin immoo jaboota yeroo taatan nugamachisa"** kun fallessuu Phaawulosti inni kan inni bekuu humni afuuraa dadhabbii nama kessatti akka gadii dhifamudha. (12:10, 13:4) kanaafis dadhabaa ta'ee itti fufuu barbaada. Haata'u malee wadaan Kiristaanaa Qorontoos jaboo akka taatu dadhaboo ta'uutu irra jiraata. Kunii namooti jirenya karaa ittiin madaalan fallaa dha. Barsiisonni sobduun jaboodha kan ofiin jedhan barnota irraa, sanyii irraa, shaakala irraa ka'unidha. Phaawulos garuu jabadha kan ofiin jedhu fakkenyummaa Kiristoos irraa ka'uunidhan.

▣ **"Kadhati kenyas isin guutuu akka taatanii dha"** Kakuu Haaraati kun bifa maqaatin kan taa'e bakka kanttii dha. Gochama jechuun "to knif together" gidduu isaanii kan ture walqoqooduu fi gargarbaatii dhaabuudhaaf Phaawulos 1 Qor 1:10 irratti gochama kan fayadamera. Amma 2 Qor gara isaa kanatti debi'a (innis dandetti afaraa irraa kan madduu dha)

*Louw and Nida, Greek-English lexicon of the New Testament*, jildii. 1, fuula 680 *artios* jechii jedhu (fkn raawatee ga'aa, hoji tokkof gutummaatii qophaawuu ykn hidhachuu) jedhaan. Maxantuu adda addaa waltti qabee yoo fayadames hiki isaa walfakkataa dha. (fkn *epi* fi *kata*) (Luq 6:40, II Qorontos13:9, 11, Efe 4:12, 2 Ximoo

3:17) Phaawulos hidhaa jaalalaa jiraataa tokkon kan walitti hidhamtee Qorontoos kessatti arguu barbaada (lakk 11) kun achitti akka ta'uu dhiifama, haraara, seera waldaa kiristaanaa jirachuutu irr jiraata (Galaa 6:1).

**13:10** Phaawulos gara Qorontositti daawwannaa kan biraa gadisiisaa gochuu hin barbaanne (2:3-4) taayitaa ergamaatiin qabamee dhufuu in barbaannee caalaatti jaalala maatiitiin isaan arguu kan barbaadee ta'us garuu deebii waldatti kiristaanaa keessa jiru dha hunduma isaa kan murteessu.

▣ **"Gooftaan taayitaa naaf kenneen"** 10:8 gaalee bifa tokko qaba. faggoos haa ta'uu dhi'oo aboon ergamaa kun aboo Kristos qaba (12:19, 13:3) aboon kun Phaawulosiif kan kennamee karaa Damaasqoo irratti gooftaan yeroo itti mul'atee dha (Hoji erga. 9:22, 26).

"Ijaaruudhaaf" ijaaruuf kan jedhuu Qoro 8:1 irratti kan jiru qayyabbannaa ilaalaa.

## II Qorontos13:11-13

**11Ammas obboloota ko nagaatti ta'aa! Karaa keessan qajeelfadhaa, waan nuyi isinitti dhageessifannu yaadatti qabadhaa, waliif gala, nagaatti jiraadhaa! Waaqayyo inni jaalalaa fi nagaa qabu isinii wajjin in ta'a*. 12Yaada qulqullaa'atiin wal dhungachuudhaan nagaa wal gaafadhaa! Warri Waaqayyoof qulqullaa'an hundinuu nagaa isiniif dhaamu*.**

**13:11 "Kana irraa kan hafee"** kun akkuma dhaabateetti "kana irraa kan haftan" jechuu dha (6:17) kun Phaawulos dubbicha kan ittiin guduunfu amala isaati (Efe 6:10, Filli 3:1, 4:8, 2 Tesso 3:1) yeroo baay'ee guduunfaa ce'umsa keenyaa kan argisiisuu dha.
▣ **"Obboolota"** waldaa rakkina keessa jirtu akkam kan jiruu kan jajabeesuu fi karaa guduunfaa barreedaati. Gara yaadaa tokkootti ce'uudhaaf akka mallatoottis in tajaajila.

Shan walitti fufiinsaan PRESENT IMPREATIVES

1. "Gammachuu" (PRESENT ACTIVE IMPRATIVE) phaawulos yeroo baay'ee II Qorontosirratti (2:3, 6:10, 7:7, 9, 13, 16, 13:9, 11) in fayyadama. Jechi kun "nagaan taa'ii" hiika jedhuu qabaachuu danda'a. (Fillii3:1, 4:4) kun garuu itti fufeenyaan yoo in taanee IMPREATVE walitti in siquu.
2. "Mudaa kan hin qabnee ta'aa" (PRESENT PASSIVE IMPRATIVE) kun waa'ee tajaajilaatii fi waa'ee tokkummaa kan dubbatuu dha. (lakk.9).
3. "Gorsa koo dhaga'aa" (PRESENT PASSIVE IMPRAETIVE" Phaawulos yeroo baay'ee II Qorontosirratti (1:4, 6, 2:7, 8, 8:20, 6:1, 7:6, 7, 13, 8:6, 9:5, 10:, 12:8, 18, 13:11).
4. "Yaada tokkoo qabaadhaa" (PREENT ACTIVE IMPRAETIVE) gaaleen kun Girikiidhaan hiika baay'ee qaba (Lauw fi Nida vol.2, p259) garuu qabiyyee kana keessatti "mudaa malee ta'aa" kan jedhuu wajjin hiika wal gitu qaba. Waa'ee wangeelaaf jennee waa'ee tokkummaa finnu dha kan inni nutti himuu kan jechuun garuu amantootni dhimma hundumaa irratti wali galuu qabuu jechuu miti. Wali galuu dhiisuu isaanis immoo jaalalaan gochuu fi dhimma isaanii hundumaaf fedhii isaani wangeela dursuu qabuu jechuu dha.
5. "NAgaan jiraadhaa" (PRESENT ACTIVE IMPRAETIVE) kun sirridummatti 1 Qoro 1-4 fi II Qorontos10-13 yaada jiru callaqisiisa. Rakkinicha akkamitti akka argan sirritti beekuu in dandeenye. Garuu lamanuu wali galuu dhiisuu fi tokkummaa dhabuu sababi kan uumamee dha. Phaawulos naaa abooma wal fakkeessuuf utuu in ta'iin Kristoosiin Waaqa nagaa fakkaachuudhaaf (lakk.11) dadhabbii keenyatti nu gargaara.

▣ **"Waaqi nagaatii fi jaalalaa"** YHWH ibsa ajaaja'ibsiisaadha. YHWH "nagaa" wajjin kan wal qabatee dha. (Roome 15:33, 16:20, 1 Qoro 14:33, Filliphu 4:9, 1 Tes 5:23, Ibiro 13:20) "Waaqa nagaa" jedhamee waamameera 2 Teso 3:16 nagaadhaa fi jaalalli lamaanuu Efe 6:23 irratti heerameera. Amantootni amala kana walitti dhufeenya wali wali isaani keessatti dirqamatti jabeesuutu irra jira.

**13:12 "Nagaa"** kun "geggeessuu gaaffachuu" jedhamee hikamuu in danda'a (Hoji.erga. 20:1, 21:6). Kan wali wajjin ta'uutii fi kan wal simanaa amala mul'isa. Ani kana mala faallaa kanaa Maatii 5:47 irratti ibsameera.

Isaan kun lammanuu lakk.dhumaa ilaalachiisee hiiki ingilli tokko tokkoo lakk. 12-13tti wali wajjin godha (TEV, NJB, RSV, NRSV) kan biroon immoo bakka lamatti gargar qoodu (KJB, NKJV, NASV, NIV).

▣ **"Dhunguu qulqullaa'aa"** aadaan kun (jechuun, maatiidhaaf hiri'oota gidduu kan jiru) booda irratti dhaabateera, sababi isaa ormoonni (pagan) ilaalcha dogogoraa hordofanii (jechuun, dhunguu jaalalaa). Waldaan

kiristaanaa isheen durii dhiiri dhiira dhungata dubartinis dubartii dhungatti turte (jechuun, shaakala iddoo waaqeffannaa hordofanii) Roome 16:16, 1 Qoro 16:20, 1 Teso 5:26. Seecnote at 1 Qoro 16:20 irratti yaadannoo jiru ilaali. Kun IMPRAETIVE dha. Kiristaanonnii bifa kanaan nagaa wal gaaffachuu qabuu jechudhaa hii? Asi irratti maadaadha fi haala gara fuula duratti jiru hiika irratti dhiibbaa ammami akka irra geesisan fakkeenya gaarii qaba. gocha isaa miti inni guddaan garuu amala. Amantootni maatii dha.

**13:13 "qulqulloonni hundumtuu"** gaaleen kun Phaawulosii fi isaa wajjinin adeemsa Misi'oonummaa kan ba'aan qofa in argisiisuu, haa ta'uu male "qulqullooti hundumtuu" (jechuun, waldaan kiristaanaa Phaawulos hunduma isaanii). Qorontosii fi waldoota kiristaanaa kan biroo gidduu jeeqamsi ture. Waldaatti kiristaanaa kanatti miiri olaantummaa tureera. Phaawulos waldoota kiristaanaa birratti jiraachuun kan irra jiru naamusi kan barsiisee yeroo baay'ee irra deddeebi'ee heeruudhaan dhimma kana kaasaa (1 Qoro 4:17, 7:17, 11:16, 34, 14:33).

Qorontos kan adda ta'ee yookaan kan caroomsee fillatamtuu osoo hin ta'iin ta'uu kan qabduu miseensaa maatiiti. "Qulqulloota" kan jedhu mata duree addaa 1 Qoro 1:2 irratti ilaali. Amma kan jiru rakkina keessatti hundumtuu Phaawulosiin kan jalqabaman tokkummaa waldaa kiristaanaa walif yaaduu, tokkummaa, kadhataa fi wal simachuu kan argisiisuu nagaa isaani ergu.

## II Qorontos13:13

13 **Ayyaanni gooftaa Yesus Kristos, jaalalli Waaqayy, tokkummaan hafuura qulqulluus hunduma keessanii wajjin haa ta'u*!**

**13:14** Phaawulos yeroo baay'ee xalayaa isaa kan cufuu kadhataa fi galataan. Garuu kan isa kanaa adda. Sadanu kan Waaqayyoo ibsi qaama sadan Waaqayyummaatii wajjin wal qabsiisuudhaan kan xumuree. Yesus dursee heeramuun isaa immoo kan bara baratamee miti. Yaadannooguutuu kan ta'ee 1 Qor 2:10 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali.

Ibsa Waaqayyoo sadii ayaana, jaalalaa fi tokkummaa, Qoro kan jiran amantoota hundumaaf. Kun kadhataaf kutaa baay'ee barbaachii dha.

Phaawulos amantoota sobduu yoo beekees amantoota giddutti tokkummaa deebi'e akka hareefamuu barbaade. Phaawulos barreefama isaa akka isaa barreesaniif barreessaa fayyadameera, garuu kadhata isa dhummaa ofuma isaati barreessee (2 Teso 3:17). Phaawulos waldaa kiristaanaa kana in jaallata!

▣ **"Tokkummaa hafuura qulqulluu"** 1 Qoro 1:9 fi 12:11 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali.

## Gaaffiillee maree

Qayyabbannaan kun qajeelfama hiikaa yeroo ta'uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti hiikuun dirqama isaa in fudhata jechu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kennameen deemuun nurra jira. Hiiktonnii duraa ati, macaafa Qulqulluu fi hafuura qulqulluu ture isa kana deebistee kan hiiktuu irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Isaan gaaffiin mare kun kan kennaman kutaa macaafa kanaa isa gurguddaa dhimma akka ta'utti akka hubatuuf akka si gargaaruuf. Kana jechuun karaa sirriidhaan akka xinxaltuuf kakaasuudhaaf malee kana qofan akka daangooftuu miti.

1. Amantootni akkam godhani mataa isani of qoruu?
2. Phaawulos boqonnaa 11-13 keessatti maaliif irra deddeebi'ee waa'ee dadhabbii mataa isaati dubbataa?
3. Waabiin akkamitti obsaa wajjin walitti dhufaa?
4. Waaqayyoo al tokkotti akkamitti sadii fi tokkoo ta'uu danda'aa?

# HAFAA TOKKO
## Ibsaa ifaa jechoota seerluga Griikii

Ibsa bal’aa jechoota seerluga Giriikii Konee Giriik, Helenstiik Giriik jechuun beekamu, bara injifannoo Aleksaander Ze gireet (336-323 D.K) qabee hanga waggaa dhibba saddeti (300 D.K-D.B 500)ti afaan biyyoota naannoo galaana Meeditaraaniyaana ture. Afaan Giriik isa salphaa osoo hin taanee, afaan Giriik bifa haaraa ka’ee afaan lammataa addunyaa Meeditaraaniyaanaa fib aha dhiyoo ta’eti.

Kakuu Harawaa addadha sababnis itti fayyadamtoonni Luqaasin barreessaa Ibrootaan alatti, hundi afaan Aramaanaa akka jalqabaatti fayyadamu. Kanaaf barruunsaanii akka dubbii fi caasaa afaan Aramaan cunqurfama isaanumtu moo Septuagint (hiikkaa Kakuu Moofaa Giriik) afaan giriik barreeffame waan dubbisaniif ni waraabbatu ture. Garuu Septuagint hayyoota yihudaan afaan dhaloota Giriik hin qabneen barreeffame.

Kunis Kakuu Harawaa gara caasaa Seerlugaatti akka nutti cimsinee hin dhiibne nu yaadachiisa. Adda ta’ees wanni inni qixxeetti qabu (1) Septuagint (2) barruu yihudootaa kan akka Yoseef; fi (3) Paapirasa Misiritti argameedha. Eegasuu akkamitti xinxala Kakuu Haarawaati dhiyaachuun danda’amaa?

Haalli seerluga konini Giriikaa fi Kakuu haarawaa koyiha Giriikii dhagalaasadha. Yerichi yeroo seerluga salphisan ture. Yaadatu nu hoggana. Jechoonni yaada dheeraa keessatti hiikkaa argatu, kanaaf, seerrilugni kan hubatamu ifaa (1) biddiqa barreessa adda fi (2) yaada adda keessattidha. Hiikkaan xumuraa caasaa fi bifa Giriik tokkoyyu hin danda’amu.

Afaan koyine Giriik afaan dubbiiti. Ijoon hiikkaadhaa gosaa fi bifa dubbiiti. Gaalee heddu keessatti gochimni dursee dhufeeti, caalmaasaa agarsiisa. Gochima Giriik xinxaluuf odeeffannoon maddee sadii hubatamu qaban (1) xiyyeeffannoon henna, sagalee fi muudii (ta’insa ykn mortoolojii); (2) hiikkaa bu’uuraa gochimaa (lexicography) fi (3) dhangalaasa yaadaa (syntax)

I. HENNAA
   A. Hennaa ykn haalli walitti dhufeenya gochimaa sadarkaa gocha guutuu ykn hin guunneeti ilaala.
      1. Hennaa sirraa’aa mudata gocha irratti xiyyeeffata. Odeeffanno dabalataa hin kennu. Egalli, itti fufinsii ykn fiixee hin beekkamu.
      2. Hennaan hin sirraaiin itti fufinsa gochaa irratti xiyyeeffata gocha cinaa, gocha turti, gochi tarkaanfii jechuun ibsamuu ni danda’a.
   B. Hennaan akkaataa barreessaan gochoota ittin ilaaluun kurfeessuun ni danda’ama
      1. ta’eera = AORIST
      2. ta’eera fi jiraa = PERFECT
      3. ta’ee ture fi jiraa, garuu amma miti = PLUPERFECT
      4. ta’aatti jira = PRESENT
      5. ta’eetti jira = IMPERFECT
      6. ta’uutti jira = FUTURE

Fakkeenyi qabatamaa akkatti hennaan kun hiikkaa keessatti fayyadu kan agarsiisu jecha “fayyina” jedhudha Henna gara garaa keessatti deemsaa fi fixee agarsiisa.
      1. AORIST – “fayyeera” (Rom 8:24)
      2. PERFECT – “fayyeera fi fayyuutti jiraa” (Efs 2:5-8)
      3. PRESENT – “fayyaatti jira” (1Qor 1:18; 15:2)
      4. FUTURE – “fayyaatti jira” (Rom 5:9, 10; 10:9)
   C. Hennaa gochimarratti xiyyeeffachuun hiiktooni sababa filannoo barreessan ittin of ibsuu barbaade kaa’u. Sadarkaan henna “maxxarri hin qabne” AORIST dha. Gochima idilee “hin addoomne” in mallattoomne” ykn “hin tuqamne”dha. Bifa hedduun faayidaa kennuu ni danda’a. Wanni tokkoo ta’uusaa qofa kaa’a. Haalli darbe muudii agarsiisaa keessatti qofa yaalama. Yoo hennaan kan biroo kan fayyadu jiraata, wanni addaa ta’eef xiyyeeffannoon kennama. Garuu maal?
      1. Hennaa sirraa’aa kun gocha xumuramee bu’aa amma waliin jiru kan agarsiisudha. Karaa ta’een moo walmakoo AORIST fi HENNAA AMMAAti. Xiyyeen bu’aa jiraa sanidha ykn xumura gochichaati. Fkn Efs 2:5 fi 8, “fayyiteeta, fayyinni kees itti fufeera”
      2. PLUPERFECT HENNAA TENSE
         Sirraa’aa ta’eeti bu’aan garuu dhaabbateera. Fkn “Pheexroos ala balbalarra dhaabbatee ture” (Yoh 18:16)

3. HENNA AMMAA (PRESENT TENSE) Kuni gochaa hin sirraa'iin ykn hin xumuramiin dubbata. Xiyyeeffanni itti fufinsa ta'aati. Fkn "kan isaan qabame cubbamuutti hin fufu" "Eenyullee isaan dhalate cubbamuutti hin fufu (1Yoh 3:6 fi)
4. HENNAA HINSIRRAA'IIN (IMPERFECT TENSE) walitti dhufeenyi henna jiru moggoyina sababaan adda bahudha. Hin sirraa'iin kan dubbatu gocha hin xumuramne ture amma garuu dhaabbate ykn jalqabnisa darbeerudha. Fkn: "Yeruusaalem hundi garasaa dhufaa turani" ykn "Yeruusaalemoonni cufti garasaa dhaqaa turan" (Matt 3:5)
5. HENNAA TA'ATU (FUTURE TENSE) kun gocha fulduratti ta'uuf yeroo qabatee jirudha. Kan xiyyeeffatu moo gocha ta'uuf jiru irratti odoo hin taane humna ta'iinsa irrattidha. Mirkana ta'iicha haasa'a. Fkn "Warrii eebbifaman … ni …" (Matt 5:4-9)

II. SAGALEE

A. Sagaleen walitti dhufeenya gocha gochimaa fi abhimaa gidduu jiru ibsa.
B. Sagaleen si'ayina, abbaan himaa gocha gochimaan hojjetuu kan mirkansu karaa idilee, eeggamaa fi cicha hin qabnedha.
C. Sagaleen al si'ayinaa jechuun ab himaa gocha gochima nama alaan hojjetame yeroo fudhatudha. Namni alaa gocha kana godhu Kakuu Harawaa keessatti kan tuqame yoo ta'u durgala fi sababa armaan gadiini.
   1. bak bu'aa kallatti dhuunfaa hupo, sababa ABLATIVE wajjiin (Matt 1:22; HoE 22:30)
   2. bak bu'aa giddu deemaa dhuunfaa dia sababa ABLATIVE wajjin (Matt 1:22)
   3. bak bu'aa namaa ala eru sababa meeshaalee wajjin
   4. yeroo garii bak bu'aa nama ykn namaa ala ta'a sababa meeshaalee qofaan.
D. Sagalee gidduu jechuun abi himaa gocha gochimaa hoomishun darbees irratti hirmaachuun beekkama. Fedhi dhuunfaa alfagoo jedhame yaamama. Ijaarsi kun ab himaa ykn ab hirkatoo(clause) muldhisa. Ijaarsi akkanaa Infiliffa keessa hin jiru. Giriik keessatti carraa hiikkaa fi jijjiirraa bal'oo qaba. Fknaaf

1. (REFLEXIVE) – gocha kallattiin abbaan ofirratti godhu fin "of fannies" (Matt 27:5)
2. (INTENSIVE) – ab himaa gocha ofii jedhe uume. Fkn "seeyxanni ofiisaa akka ergama abbaa ifaatti of fakkeesse of dhiyeesse) 2Qor 11:14)
3. Gargalcha (PRECPROCAL) – haasawa walii ab himaa lameen gidduu fkn "walii walii agarsani (Matt 26:4)

III. MUUDII (ykn MODE)

A. Koniye Giriik keessatti moodii afurtu jira. Walitti dhufeenya gochimni dhugaa jirutti qaba agarsiisu, yoo xiqaate sammu barreessaa keessatti. Muudiin ramaddi guddaa lamatti qooddamu: isa dhugaa agarsiisu (AGARSIISAA) fi isa humna ta'insa agarsiisu (SUBJUNCTIVE, IMPERATVE, fi OPTATIVE)
B. Muudiin AGARSIISAA muudii qixaa gocha ta'ee jiru kan agarsiisudha. Ykn yoo xiqqaate yaada barreessaa keessati ta'aa jiru kan agarsiisudha. Muudii Giriik qofatu yeroo sirrii agarsiisa, inni kun ykn sadarkaa lammataati.
C. Muddiin (subjunctive mood) gocha fulduratti feetu ta'uu danda'u ibsa. Hanga ammaa waan hin taane garuu moo ta'uudhaaf kan carraa qabudha. Agarsiisa (Inductive mood) wajjin walfakkeenya ni qaba. Garaagarten jiru (subjucive) shakki hanga tokko waan qabudha. Afaan Ingili keessatti isaan kun jechoota akka "could" "would" "may" ykn "might" jedhuun ibsama.
D. Muudi (OPTATIVE MOOD) kun fedhii manaamaan ta'uu danda'u kan ibsudha. (subjunctive) caala dhugaarraa sadarkaa tokko fagaata. (Optative) ta'u danda'uu kana hala amuraasa jala kaa'a.

(optaive) Kakuu Haarawaa keessatti baayye xiqqoodha. Itti fayyadamnisaas gaalee jecha Phaawuloos "gonkumaa ta'uu hin danda'u) jedhu yeroo kudha shan itti gargaaramedha. (Rom 3:4, 6, 31; 6:2, 15; 7:7, 13; 9:14; 11:1; 1Qor 6:15; Gal 2:17; 3:21; 6:14). Fkn birooon Tas 1:38; 20:16, HoE 8:20, fi 1Tas 3:11 keessattidha.

E. Muudii (IMPERATIVE Mood) Fedha isa dubbatu irratti hunda'auun ajaja godhamuu danda'uu kan cimsudha. Filannoo Ormaa irratti hundaa'eet gocha qofa mirkaneessa. Kadhataa fi gaaffii nama sada keessatti itti fayyadama (imperative) addaatu jira. Ajajni kunis henna (Aorist) fi ammaa (present) Kakuu Haarawaa keessatti qofa argama.
F. Seerlugni garii (participle) akka garee muudii tokkootti ni ilaalu. Kakuu Harawaa Giriik keessatti beekkamaadha akka (verbal adjuctive) ti fudhatamas. Gochima itti jiran wajjin walitti fudhamaniitu hiikkamu. Karaa hedduudhaan isaan hiikuunis ni danda'ama. Hiikka afaan Ingili hedduu ilaalunis gaariidhaa. Tahe bible ni Twenty Six Translation jedhu Bakeerin bareeffame asitti ni gargaara.

G. Aorist active indicative wanna ta'e tokko homaa utuu itti hin dabaliin qixumaan karaa itti galmaa'udha. Hennaan biroo, sagaleen wanna barreessichu dubbisuu barbaadu ibsa addaa qabu.

IV. Name afaan Giriik wajjiin wal hin beekneef gargaartuun qo'annoo itti aanee jiru odeeffanno barbaachisaa ni eknnaaf

A. Firberg, Baarbaaraa fi Ximooty, Analayitical Giriik New Testament, Grand Rapid: Baker 1988

B. Marshall, Alfred, Interlinear Greek-English New Testament, Grand Rapids: Zondervan, 1976

C. Mounce, William D. The Analytical Lexicon to the Greek New Testament. Grand Rapids: Zondervan 1993

D. Summers, Ray Essentials of New Testament Greek, Nashville: Broad man 1950

E. Barnoonni halaalaa fudhatamoo qabu kan afaan Giriikii Dhaabbata Moody Bible Institute jedhu Chikaagooti argachuun ni danda'ama.

## V. MAQOONNI

A. Maqoonni akk sababaan qooddamu. Sababni moo gosa maqaa walitti dhufeenya gochimaa fi qaama himaa hafetti qabu kan agarsiisudha. Afaan koyinee Giriik keessatti faayidaan sababa kanaa durgaaleen ibsamu. Egaa gosti sababaa kun walitti dhufeenya gara garaa agarsiisuu danda'ani, durgaalli kunneen faayidaa kanatti addaan baatee ifa ta'e ni agarsiisu.

B. Sababaan Giriik garee saddeet itti aanee jiruutti qooddamu

1. Sababa (Nominative case) maqaa baasuuf kan fayyadu ta'eet abbaa himaa ykn abbaa dha. Darbe maqaa predicate nouns fi "to be" ykn "become" wajjin hojjeta.
2. Sababa (Genitive case) ibse kennuuf fayyada ykn jechicha irratti sadarkaa qulqullinaa kennuun ni firoomsa. Gaaffii "gosa kam?" jedhuuf deebii ni kenna. Yeroo baayyee durgaale afaan Ingili "of" jedhuun ibsama.
3. Sababa (ablative case) bifuma (gentive) ta'eeti, garuu addaan bahiinsa agarsiisa. Kunis addaan bahinsa waan ta'ee yeroodhaan, iddoodhaan, maddaan, uumamaaan, ykn sadarkaadhaan. Durgaala afaan Ingili "from" jedhuun ibsama.
4. Sababa (dative case) fedhii dhuunfaa agarsiisuuf fayyada. Kun haala gaarii ykn bitaa agarsiisu danda'a. Kun waan harka naannessaan godhamedha. Dugraala afaan Giriik "to" beekkama.
5. Sababa (locative case) Bifuma (dative case) Bifuma 9dative) dha. Sadarkaa ykn iddoo Yeroodhaan iddoodhaan, daanya sirriin agarsiisa. Durgala afaan Ingili "in, on, at, among, during, by, upon, fi beside" jedhaniin ibsama.
6. Sababa (instrumental case) Bifuma (dative) fi (locative) dha. Fala ykn hidhata kan agarsiisudha. Durgala afaan Ingili "by" "with" ibsama.
7. Sababa (accusative case) xumura gochaa agarsiisuuf fayyada. Daangeeffamas ni agarsiisa. Faayidaansaa guddaan wanna kallattiin ta'edha. Gaaffii "akkamitti" ykn "hanga kamitti?" jedhuuf deebii ni kenna.
8. Sababa (vocative case) kallattiin gahuu agarsiisa.

## VI. Walitti Gudunfituu fi Qabsiisee

A. Afaan Giriik sababa gudunfituu hedduu qabuuf afaan murteessaadha. Ilaalcha ( hima fi buufata ) gudunfu. Hafuunsaanii barbaachisummaasaanii godhe fi kallatti ilaalcha barreessaa wanna inni qunnamu barbaadu murteessuuf barbaachisoodha.

B. Amma asitti hiikkaan walittiqabsiiftuu fi walitti guduunfituu tarreeffameera (odeeffannoon kun kitaaba Amanual Grammar of the Greek New Testament jedhu, H.E.Daanaa fi Julins K. Maanteyesin barreeffame irraati.

1. Gudunfituu yeroo
   a. epei, epeide, hopote, hos, hote, hotan (subj) – "yoom"
   b. hoes – "wayita"
   c. hotan, epan (dhim) – "yoomiyyuu"
   d. hoes, achri, mechri 9dhin) – "hanga"
   e. priv (infin) – "dura
   f. hos – "egaa" "yoom" "akka"
2. Gudunfituu amansiistuu(logical)
   a. akeeka
      (1) *hina* (dhim), hopos (dhima), hos – 'sun akka ta'uuf" "sun"
      (2) *hoste* (articular accusative infinitive) "sun"

(3) *pros* (articular accusative infinitive, kan dhuma hin qabne) ykn eis articular accusative infinitive "sun"

b. firii (bifa seerluga akeekaa fi firii giddii walitti, dhiyeenyi jira
   (1) hima (hin lakka'amu, beekkama) – "akka sanitti" "kanaaf"
   (2) hima (dhim) – "sanaafu"
   (3) *ara* – "egaahoo"

c. Sababa
   (1) *gar* (sababa/ firii ykn sababa/xumura) – "fi" "sababa"
   (2) *dioti*, hotiy – "sabab"
   (3) *epei*, epeide, hos – "eega"
   (4) *dia* (accusative wajjin) fi (articular dhuma hin qabne wajjiin) "sababa"

d. goolabbii
   (1) *era*, poinun, hoste – "kanaafuu"
   (2) *dio* (waliingaa goolabbi jabaa) "kanarratti" "eessarratti" "kanaafu"
   (3) *oun* – "Kanaafuu" "egaa" "achii" "itti aanee"
   (4) *tanoun* – "akka kanatti"

e. faallina ykn fuggina
   (1) *alla* (faallina jabaa) – "garuu" "malee"
   (2) *de* – "garuu "haata'uti" "ammalle" "gama biraan"
   (3) *kai* – "garuu"
   (4) *mentoi*, *oun* – "haa ta'utii"
   (5) *plen* – "yoo kan malee" (keessattu Luqaas keessatti
   (6) *oun* – "haa ta'uuti"

f. morkii
   (1) hos, kattios (gaalima morkii beeksisu)
   (2) kata (jech tishoo, katto, kathoti, kathosper, kathaper
   (3) *hosos* (Ibroota keessa)
   (4) *e* – "achii"

g. fulla'iina ykn fufina
   (1) *de* – "fi" "amma"
   (2) *kai* – "fi"
   (3) *tei* – "fi
   (4) *hina*, oun – "sun"
   (5) *oun* – "achi" (yohaannis keessatti)

3. fayyadama xiyyeeffannoo
   a. *alla* –
   b. *ara* – "dhugaati"
   c. *gar* – "garu dhugaati," dhugaatti
   d. *de* – "dhugaatti"
   e. *ean* – yoo dhibe
   f. *kai* – "yoo dhibe" "dhugaati" "dhugumati"
   g. *mentoi* – "dhugaatti"
   h. *oun* – "dhugumatti" 'waan hundatti"

VII. Hima Haalaa

A. Hima haalaa jechuun gaalima hirkataa tokkoo fi tokkoon ol kan qabatedha. Caasni seerluga kanaa hiikkaa ni gargaara. Sababnisaas haala, sababa ykn ka'umsa gochaa gochimaa itti ta'uu fi ta'uu dhabuu ni agarsiisa. Gosti haallimaa afuurtu jira. Dhugaa kallatti barreessichaan jiru irraa gara hawwitti jiru qofatti dhiibee geessa.

B. Haallima sadarkaa duraa gocha ibsame ykn gama barreessaan dhugaadha jedhame tilmaamamu ykn akeeka isaaf "yoo" dhaan ibsama. Qabiyye heddu keessatti "eega" jedhame hiikkama (Matt 4:3; Rom 8:31) Haa ta'uuti, kun jechuun sadarkaan duraa gara dhuugaatti jiru jechu miti. Irra deddeebia'nii qabxii agarsiisuuf ykn faallaa tuqatuuf fayyadu (Matt 12:27)

C. Haallima sadarkaa lammata "dhugaatti fuggina" jedhama. Waan dhugaa hin ta'iin agarsiisa. Fkn

1. “yoo dhugumatti inni raajii ta’e, mitiif malee, waa’ee dubartii isatti maxxantee amalaa fi eenyummaa ni beeka ture. Garuu hin beekne.” (Tes 7:39)
2. “yoo dhugumatti Muusee amantan, silaa hin gootani, ana amantani, hin goone” (Yoh 5:46)
3. Osoon ammallee namootatti gammachiisuuf yaala ta’ee, hin gooneef malee, tajaajilaa Kiristoos isaan amma ta’e kana hin t’auun ture” (Gal 1:10)

D. Sadarkaan sada gocha fulduratti ta’uu danda’u ni dubbata. Carraa ta’uu danda’uu tilmaamsa. Waan akka carraatti ta’e agarsiisa. Gochi gochima muummee gaallima “yoo” keessatti gochichaaf carraa ta’a. Fkn 1Yoh keessaa 1:6-10, 2:4, 6, 9, 15, 20, 21, 24, 29, 3:21; 4:20; 5:14, 16

E. Sadarkaan afra carraa ta’uu danda’uu irra haqamaadha. Kakuu Haarawaa keessatti ni xiqqaata. Akka carraa ta’ee, Haallimni sadarkaa afra guutuun haalli itti lameen qaamni himaa hiika kennan hin jiru. Fkn sadarkaa afra gaallima baniinsaa 1Phex 3:14ti. Fkn sadarkaa afra gadima xumuraa HoE 8:31.

VIII. DHORKAA

A. Present imperative meparticli gocha ta’aa jiru dhaabuuf xiyyeeffanno godha. Fkn “duurooma lafarratti kuufachuu hin yaaliinaa…” (Matt 6:19) “waa’ee jireenya keesanii yaaduu dhaabaa…” (Matt 6:13) “Nafa qaama keessanii meeshaa cubbuu gootanii dabarsitanii hin kenninaa…” Rom 6;13” Afuura Qulqulluu Waaqayyo hin arrabsinaa…” (Efs 4:30) “dhuganii machaahu dhaabaa…” (5:18)

B. Aorist subjunctive imperative meparticle wajjin moo “gochuu hin eegalin ykn hin jalqabin” kan jedhu qaba. Fkn muraasni “Tilmaamu hin eegaliin…” (Matt 5:17) “hin shakkinaa… (6:31) “hin qanaaftani… (2Xim 1:8)

C. Double negative moodii subjunctive wajjin bitaatadha “gonkuma, yomumaa” ykn “haaluma kamiinuu” fkn “bara baraan hin du’u” (Yoh 8:51) “matuma ani” (1Qor 8:13)

IX. Maqmaxxan

A. Afaan kooyinu Giriik keessatti maqmaxxan murtaa’aa “the” faayida afaan Ingilin walfakkaatu qaba. Faayidaan guddaa “agarsiisumma” gara jechaa, maqaa ykn gaalee ni qaba. Kakuu Haarawaa keessatti tajaajillisaa abbaarraa abbaati gargaridha. Maqmaxxan murta’o dabale kan fayyadu.
1. akka meeshaa fugginaa akka maqdhaal eertuu.
2. matiima ykn nama dursee beeksifame akka mallattooti agarsiisu
3. matiima hima keessa jiru gochima karaatti adda baasanidha. Fkn Waaqayyo afuuradha” (Yoh 4:24) “Waaqayyo ifadha” 1Yoh 1:5 “Waaqayyo jaalaladha.” 4:8,16.

B. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingili maqmaxxan ‘a” fi “an” hin qabu. Dhabamuun maqmaxxan jechuun
1. Xiyyeeffanno amala ykn sadarkaa waan ta’e
2. xiyyeeffannoo garee waan ta’ee jechuudha.

C. Hanguma fayyadama maqmaxxana barreessitonni Kakuu haarawaa gargari

X. Kakuu Haarawaa Giriik keessatti karaa itti xiyyeeffanno agarsiisan

A. Kakuu Haarawaa keessatti teekinikni ittin xiyyeeffannoo agarsiisan barreessa irra barreessatti gargar. Barreessitoonni qixaa fi idileedhaan Luqaasii fi barreessaa Ibrootaati.

B. Aorist active indicative sadarkaa fi xiyyeeffannoo hin mallatta’in ta’uu dursee ibsameera, garuu hennaan kanuu, sagaleen

Ykn muudiin barbaachisummaa hiikkaa ni qaban. Kun jechuun Aorist active indicative n miira caasluuga barbaachisau keessatti hin fayyadu jechu miti. Fkn Rom 6:10 (si’a lama)

C. Tartii jechaa afaan kooyinee Giriik keessatti

1. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingili hirkataa miti kanaafuu, tartiiba barreessaan waa agarsiisuuf ni jijjiira
   a. waan barreessaan dubbistootatti agarsiisu barbaaduuf
   b. waan barreessichi dubbistoota ni ajaa’ibsiisa jedhe yaade
   c. waan barreessichi hedduu itti dhagahame.

2. Dhimmii tartiiba jechoota afaan Giriik ammalle hin tasgabbaa’in jira. Haa ta’u kan amma jiru
   a. gochima <u>liqimsaaf</u>
      (1) gochima
      (2) matiima
      (3) complementii
   b. Gochimaaf
      (1) gochima

(2) matiima
(3) aantima
(4) aantimeen
(5) Durgaala gaalee

c. Maqaadhaaf
(1) maqaa
(2) kan haaromsan
(3) durgalee guutoo

3. Tartiibni jechoota qabxii baayyee barbaachisaadha. Fkn
a. "anaa fi Barnaabaasiitti akka duuka buutuutti harka nutti kennatan" (Gal 2:9) Gaaliin "harka mirgaa" duuka buutu jedhu barbaachisummaa agarsiisutti baqaqsuufi dursu ni danda'ama.
b. "Kiristoos wajjin" (Gal 2:20) dura buufameera. Duuti isaa giddu galeessa.
c. "Karaa heddu kuta kutaan ture" (Ibr 1:1) dura buufameera. Sunis akkaataa itti Waaqayyo ofiisaa of agarsiisu barbaade malee mul'ata miti.

D. Akkuma beekkamu xiqqooshee xiyyeeffannoon kenname
1. irra deddeebi'iin maqdhaal inni dursee gochima keessa jiru fkn ani mataan koo, isin wajjin … (Matt 28:20)
2. Dhabama qirqaabaa, ykn jechonni qabsiistu biroo, gaaleen, gaallima ykn himaa dhabamudha. Kun kan hin qabamne jedhama. Wanni walqabsiisu waan eeggamuuf dhabamuunsaa qalbi hawwata. Fkn.
a. warra eebbifamoo (Matt 5:3 xiyye kenneef)
b. Yohaannis 14:1 (mataduree haarawaa)
c. Roomee 9:1 (kutaa haarawaa)
d. 2Qor 12:20 (xiyyee kenneefira)
3. Yaada kenname keessatti irra deddeebi'ii jechootaa fi gaalee fkn "ulfina galatasaaf" (Efs 1:6, 12 fi 14). Gaaleen kun hojii sadacha tokkoon tokkoo agarsiisa.
4. Itti fayyadamni akka dubbii ykn jechaa (sagalee dubbii gidduuti. Shoora taphata.
a. Euphemisis jechuun jechoota safuu akka "ciisee" bakka buusa, du'aa gochuu (Yoh 11:11-14) ykn "miila" qaama dhiiraa (Rut 3:7-8, 1Sam 24:3)
b. Circumlocution immoo jechoota maqaa Waaqayyoo kan akka "Mootummaa Waaqayyoo" (Matt 3:21) ykn "sagalee jannataa" (Matt 3:17) bakka bu'a.
c. Fakk dubbii
(1) jaja hin taane (Matt 3:9, 5:29-30; 19:24)
(2) himootarratti laafaa ta'a. (Matt 3:5; HoE 2:36)
(3) namoomsa (1Qor 15:55)
(4) cigoo (Gal 5:12)
(5) dubbisa walaloo (Fil 2:6-11)
(6) sagalee jechoota giddu taphatu
a. "waldaa"
i. waldaa (Efs 3:21)
ii. yaamicha (Efs 4:1;4)
iii. yaamame (Efs 4:1,4)
b. "walaba"
i. dubartii walaba (Gal 4:31)
ii. bilisumma" Gal 5:1
iii. walaba Gal 5:1
c. Akka dubbii – afaan aadaa ta'ee addumma kan qabu
(1) itti fayyadama fakki "soora" (Yoh 4:31-34)
(2) itti fayyadama fakki "mana sagadaa" Yoh 2:19; Matt 26:61)
(3) akka dubbii Ibrtootaa "jibba" (Uma 29:31; Deb 21:15, Tes 14:36 Yoh 12:25; Rom 9:13)
(4) "Hunda" fi "baayye" Isa 53:6 (hunda) fi 53:11 fi 12 (baayyee) jechoonni moggoyina akka Rom 5:18 fi 19 agarsiisa.
5. Gaalee luugaa guutuu bikka jechaatti fayyadamuu. Fkn "Yesuus Kiristoos gooftaa"
6. Faayidaa addaa autos

a. Yeroo maqmaxxan wajjinii “sanuma” hiikkama
b. Yeroo al maqmaxxan wajjinii akka ti hiikkama “isa mataasaa’ “isii mataasii” ykn “isa mataasa”

E. Bartoonni Kitaaba Qulqulluu afaan Giriikiin ala dubbisan karaa heddu xiyyeeffannoo adda baafachuu ni danda’a.

1. Ittifayyadamani xinxalli galmee jechootaa barruu afaan Giriiki fi afaan Ingili
2. kallatti tiyoorii hiikkaan, hiikkaa afaan Ingili walbira qabani ilaaluu. Fkn “jechaa jechatti” morkuu (KJV, NKJV, ASV NASB, RSV, NRSV) fi “gita addaan” wajjin (Wiiliyaam, NIV NEB, REB, JB, NJB, TIV). Asitti kan gargaaru. “The Bible in Twent- six Translation” jedhu Baker maxxanfame heddu ni gargaara.
3. Ittifayyadama “The Emphasized Bible, Yoseef Biriyaant Rooterhaamiin (Kregel, 1994) maxxanfame.
4. Ittifayyadama hiikkaa barreeffamaa
   a. The Ameerikaan Istaandaard Vershiin 1901
   b. Yaangis Litiraal Traansileeshion of Baayible, Roobert Yaangin (Gaardiyaan Pireesin 1976) maxxanfame.

Seerluga qo’achuun nuffisiisa ta’uullee hiikkaaf ni barbaachisa. Ibsi hiikkaan, qeeqnii fi fkn kunneen nama afaan Giriikii ala dubbisuuf jajjabainaa fi hidhachiisaaf akka toluufidha. Ibsi kunneen garmalee salphifamaniiru. Akka hubana tolaa Kakuu Haarawaa ta’utti malee, cichummaa fi garfiixummaa agarsiisu miti. Ibsi kunneen dubbistoonni darbanii ibsaa fi qeeqaa Kakuu Haarawaa biroo ilaaluu akka danda’an akka gargaaru abdiidha. Hiikkaa keenya odeeffannoo Kitaaba Qulqullu keessa jiru irratti hundee godhachuun ibsuu danda’uu qabna. Seerlugni wantoota nama gargaaran keessaa tokko; wantoonni biroo yoomessa seenaa, yaada barruu, itti fayyadama jechoota fi dubbisa cinaayina dabalata.

# HAFAA LAMMATAA
# QEEQA QABIYYEERRAA

Dhimmi kun yaada qabiyyee ibsituu kan keessa jiru irratti ibsa kenna. Wanna aanee tarreeffame jiru irratti dhimmama.

I. Madda KITAABA QULQULLUU afaan Ingili
   A. Kakuu Moofaa
   B. Kakuu Harawaa
II. Ibsa ballaa rakkooleefi tiyoorii "qeeqa jalaa" ykn qeeqa qabiyyee" jedhamee yaamamu.
III. Madda dubbisaa gadfagoo jedhamanii yaadamaniidha.

I. Qabiyyee KITAABA QULQULLUU afaan Ingili
   A. Kakuu Moofaa
      1. Barruu Masoreetik (BM) Baruun dubbifamaa afaan Ibrootaa bara 100 DB barsiisa Aquibaan bahe. Achii booda qabxiin dubbachiiftuu, loqodaa, qabxii moggee, Auqaaleeniifi kkf D.B jaarraa jahaa keessa itti dabalamuu eegalan, DB jaarraa sagla keessa xumura argatan. Kunis maatii yihudootaa Masoreetik jedhamaniin hojjetame. Bifti barruu isaan fayyadaman isa Mishnaati, Taalmud, Taargums, Peeshittaafi Kugeet wajjin walfakkaata.
      2. Septuagitnt (LXX) Akka afoolaatti Septuagint hayyoota yihudii 70n guyyoota 70 keessatti tolfame jedhama; kunis deggersa mootii pitoolmii 2ta (285-246 KD) jedhamuu mana kitaaba Aleeksaanderiyaaf qophaahe jedhama. Akka hiikamu kana gaafates hogganaa yihudoota Aleeksaandara jiraatuunidha. Afoolli kun "Xalayaa Arizteez" irra dhufe. LXX kun isa barsiisaa Aquibaa (BM) itti fayyadamuun adda kan ta'e barruu Ibroota biro irratti hundaa'e.
      3. Maroo Deed sii (MDS) –Maroon Deed sii foxxoqxoota garee yihudaa Roomaa jiraatanii "Eseensi" jedhamanii dhaloota Kiristoos dura (200 Kd – Db 70) barreeffame. Barreeffamoonni Ibrootaa, magaaloota naannoo galaana Deed Sii heddu keessatti ni argamu, lameen BM fi LXX duubatti barruu Ibrootaa addaa akka jiru ni agarsiisu.
      4. Fkn muraasni hiiktoonni akka Kakuu Moofaa walbira qabanii ilaaluu danda'an gargaaraniiru.
         a. LXX hiiktootaafi hayyoota akka BM hubatan gargaara.
            (1) LXXn Isa 52:14 "akka baayyonni itti dinqaman"
            (2) BMn Isa 52:14 "akka hayyoonni sitti gammadan"
            (3) Isa 52:14 keessatti bakmaqaa LXX mirkanaaheera
               a) LXX "sabni baayyeen itti dinqamu"
               b) BM "Saba baayyetti ifa calaqqisa."
         b. MDS hiiktonnii fi hayyoonni akka BM hubatan gargaareera
            (1) MDS Isa 21:8 "<u>Achi raajichi</u> ni iyyee, kaabii dallaa ani irra dhaabadherraa
            (2) BM Isa 21: "ani akka leencaattin bookkise! Gooftaa koo, ani yoo mara saafaadhaan kaabii dallaarra baheen dhaapha.
         c. Lameen LXX fi MDS akka Isa 53:11 ibsuuf gargaaraniiru.
            (1) LXX fi MDS "ciiniinsuu ruhii saan booda ifa ni arga, gammachuus ni quufa."
            (2) BM "ciiniinsuu lubbuusaa… ni arga, ni gammadas"
   B. Kakuu Haarawaa
      1. Barreeffamni Kakuu Haarawaa afaan Giriik 5,300 ol ta'an guutuutti ykn muraasni ammallee ni jiran. Gara 85 kan ta'u Paapirus irratti barrreeffameera, barreeffamni 268 ni qubee gurgudda (uncials) kan barreeffamaniidha. Booda keessa jaarraa sagala (D.B) barruun buraaqxuu (minuscule) barreeffamtee baate. Barruun Giriiki gara 2,700 ta'u bifa barreeffamaan jira. Kooppii gara 2,100 kan ta'uu kan yeroo Waaqeffannaaf tajaajilan lekshinaarii jedhaman tarreeffamaan ni jira.
      2. Barreeffamni Giriik Paapirus irratti barreeffame Kakuu Haarawaa muraasa qabateeru gara 85 ta'an golwaa durii keessa kaa'amnii jiru. Gariini jarraa lamma D.B kan qaban yoo ta'u irra guddeessi jaarraa sada fi afra DB ta'uun irra jira. MSS kana keessaa kan guutummaa Kakuu Haarawaa qabateeru hin jiru. Sababa garagalcha moofaa Kakuu haarawaa ta'aniifu garaagarummaa muraasa ni qabu jechuu miti. Garagalchi baayyeen battaluma tajaajilaaf tolfamani. Of eeggannoon adeemsicha keessatti hin godhamne. Kanaafuu garaagartee heddu ni qabu.

3. Barruun harkaa Sinaatikus, qubee Ibrootaa Xn (alpha) ykn (10)n beekkamu, Tisheendiroofin gadaamii St Kaateriin, tullu Sinaay irra jiru keessatti kaa'ameera. Barrisa jaarraa afra Db yoo ta'u lameen Kakuu Moofaafi Kakuu Harawaa kan LXX qabatee jira. Gosa "barruu Aleksaandiraa" ti.
4. Barruun harkaa Aleeksaandiriinus, akka "A" ykn (02) ti beekkamu, barruu Giriik jaarraa shana, biyya Misirii Aleeksaandiraatti argama.
5. Barruun harkaa vaatikaans, akka "B"ti ykn (03) ti beekkamu, mana kitaaba Vaatikaan, Roomitti argama. Bara giddu gala jaarraa afra Db qaba. Lamee Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa Giriik, isa LXX qabateera. Gosa barruu "Aleeksaandiraa"ti.
6. Barruu harkaa Efreemii, akka "C" ykn (04)ti beekkamu, barruu Giriikii jaarraa shana yoo ta'u walakkaan badeera.
7. Barruu harkaa Beezaa, akka "D" ykn (05)ti beekkamu, baruu Giriik jaarraa shana ykn jahati. Bakka bu'aa muummee isa "Western text" jedhamuuti wanna dabalataa hedduu qaba, hiikkaa kingi Jamsiif raga afaan Giriikiiti.
8. Kakuu Harawaa MSS garee sadiiti ykn afur kwarra amala walirraa qooddatanitti hirama.
    a. Barruu Aleeksaandiraa, Misraa irraa
        (1) $P^{75}$, $p^{66}$ (Db 200), wangeela galmeesse qaba
        (2) $P^{46}$ (gara Db 225) ergaa Phaawuloos galmeesse qaba
        (3) $P^{72}$ (gara Db 225-250) ergaa Pheexroosii fi Yihudaa galmeesse qaba
        (4) Barru harkaa B, Vaatikaan jedhamu (gara Db 325) Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa qaba
        (5) Barru kanarra Origen waraabe
        (6) Gosa barruu kanaa kan agarsiisu MSS biro X, C, L, W, 33
    b. Barruu warra Dhihaa Afrikaa Kaabaarra
        (1) Waraabbi jaarsolii waldaa Afrikaa Kaabaa, Xeertuliyaa, qoophiroos fi hiikka moofaa Laatinii.
        (2) Waraabbii Iraantoa
        (3) Waraabbii hiikka moofaa Siiriyaa fi Taatiyaa
        (4) Kodeex D "Beezaa" barru kana hordofa.
    c. Barruu Beezaantaayin bahaa, konistaantinoopilirra
        (1) gosti barruu kanaa %80 oli MSSota 5,300 irratti calaqqiseera.
        (2) Abbooti waldaa Antsokiya, Sooriyaan tuqame, kaappadoshiiya kirisoostoom fi Teroodoreef.
        (3) Kodeeksi A. wangeela keessatti qofa.
        (4) Kodeeksi B (jaarraa saddeeti) guutuu Kakuu Harawaaf
    d. Gosti afra "Qeesaariffa" Filisxeema'rraa
        (1) dursee Maarqoos keessatti mul'ate.
        (2) P45 fi W ragaalee muraasa.

II. Rakkoolee fi tiyoorii "qeeqa jalaa" ykn "qeeqa barruu"

A.

1. Akkamitti garaagarteen dhalatee
    a. libsuu ijaa yommuu garagalcha hakraa jechoota lama wal fakkaatan fi waan giddu jiran guutummaati hambisuu (homoioteleuton)
        (1) libsuu ijaan qubee dacha jechoota ykn gaalee (haplography)
        (2) Libsuu sammuun irra deebii gaaleykn toora barruu Giriikii (dittography)
    b. Libsuu gurraa hogguu dhaggeeffataa barreessan qubee dogoggoruu (itacims)
    c. Barruun Giriiki ganamaa boqonna,a hiramsa lakkoofsaa, tuqaalee, hirmasa jechoota gidduu hin qabu ture. Jechoota iddo adda addaati hiikka kennuu danda'anitti hiruun ni danda'ama.

2. ? Itti yaadamee
    a. haala seerlugasaa fooyyeessuuf jijjiirraan godhameeru
    b. barruulee Kitaaba Qulqulluu biro wajjiin walitti dhiyeessuuf jijjiramni godhameera. (harmonization of parallels)
    c. dubbisa adda addaa lamaa ykn sana ol yaada dheeraa tokkotti deebisuuf jijjiirraan godhame. (conflation)
    d. rakkoo barruu keessatti mul'ate sirreessuuf jijjiiramni godhame (1Qor 11:27 fi 1Yoh 5:7-8)
    e. odeeffannoon dabalataa yoomeessa seenaa ykn hiikkaa sirrii barruudhaaf moggaarra kaa'amee isa biroon iddo biro kaa'amera. (Yoh 5:4)

B. Qeeqi barruu bu'uuraa (hogguu garaa garteen dhalatu qajeelfama murtoo loojikaa barruu ka'umsaa)
   1. kan walxaxaa ykn seerulga hin baramne isa ka'umsaa ta'u
   2. barruun gabaabaa feetu isa ka'umsaa ta'u
   3. barruun dulloomaa ulfina qaba. Sababa itti dhiyeenya isa ka'umsaaf qabuun, kan hafe walqixuma.
   4. MSS teessumaan adda addaa dubbisa ka'umsaa qabu
   5. Barruun doktirinaan dadhabaa, keessattu mariix inamantii muummee jijjiirama yeroo sanaa ta'an, kan akka sadacha 1Yoh 5:7-8, ni filatamu.
   6. barruu garaa gartee warra kaanii caalatti kan ibsu
   7. waraabbi lameen garaa gartee dhalate madaalli agarsiisu.
      a. Kitaaba 1. Harooldi Giriinleesi, Introduction to New Testament Textual Criticism"
      "Doktirinni kiristaanaa kamuu barru mormisiisaa irratti hin rarra'u, bartoonni Kakuu Harawaa baruunsaanii sirrii fi qixaan ta'uu beekuu fedhuun waan jiraadha" 9ful 68)
      b. Kitaabni W.A Kiriisweel, The Brmingham News jedhu (kiriisweel) inni jechi Kitaabni Qulqulluu hundi akka afuurahuun ta'e hin amanu, "hiikkaa jaarraa keessa yoo xiqqaate jechi hiiktoota hammayyaa kun hunda miti" jedha Kirisweel.

Kirisweel akki jedhu "ani guddoo qeeqa barruutti nin amana. Akkuma kana; boqonnaan 16 Maarqoos walakkaan xumuraa barumsa dogoggoraa dha; afuurahun miti, kan walqabate miti … hogguu barruwwan sana morkiftan, kan akka xumura Maarqoos hin jiru. Abbaan ta'e itti dabalee…"

Paatriyaarki SBC kan inni himatu" itti makoon" Yohaannis 5 keessatti, hojii Kiristoos Beetesaayidaaf ragaadha. Akkasumas lameen hojii of dhabamsiisa yihudaa (Matt 27 fi HOE 1) ni marsiisa. "ilaalcha addaa of wareegati" akka Kiriisweelti" yoo Kitaaba Qulqulluu keessaa ta'e, ibsa ni qabaata. Lameen of wareega yihudaa Kitaaba Qulqulluu keessa ni jira" Kirisweel kan dabale, "Qeeqni barruudhaa Saayinsii bareedaadha. Waan yeroo gabaabaa miti, waan kabaja hin qabnedha. Addaafi giddu…"

III. Rakkoolee Barruudha (Qeeqa barreeffamaa)
   A. Dubbifata dabalaaf

      1. Biblical crtiticism: Historical, Literary and Textual, by R. H Harrison
      2. The Text of the New Testament: Its Transmisiionk corruption and restoration by Bruce M. Mefzger
      3. Introduction to New Testament Textual Criticism, by J. H Greenlee.

# HAFAA SADAFFAA
# HIIKA JECHOOTAA

**Addoption(Mucummaa).** Kun ilaalcha duraan ture yeroo ta'u, Yesus Waaqayyummaa wajjin walitti dhufeenya qabu dha'a. yaadi isaa inni jalqabaa kan bu'ureeffattu Yesuus karaa kamiinuu nama yeroo ta'u mucummaa kan argate Waaqayyoon karaa bifa kan biraatiin jechuunis cuubaadhaan (Mat 3:17 Marq 1:1) yookiin (Rom 1:14) irratti bu'uureeffatee kan ilaalameedhaan. Yesuus kara bifa fakkeenyaa ta'een karaa kanaan akka jiraatte Waaqayyos karaa ta'umsa tokko tokkootiin ( cuubaadhaa fi du'aa ka'uumsaan) ilma mataa isaa akka ta'eef (Rom 1:14 Filp 2:9) haala ilaallateen ni agarsiisa. Beeksisni amantii kun jaarra 8 tti kan ture ilaalcha waldalee kiristaanaa warra xiqqataa kan ture dha. Waaqni nama ta'e (the incarnation) agarsiisuu manna garagalche namni akkamiin akka Waaqa akka ta'e agarsiisa.

Waaqa kan ta'e Yesus Ilmi, Waaqayyummaa duraan ture jireenya fakkeenyummaa jiraachuu isaatiin Waaqayyo hulfina laateef jechuun jechaan ibsuuf ni rakkisa. Inni durumaanuu Waaqayyo erga ta'e akkamiin hulfina badhaafamaa? Innis hulfina Waaqayyummaa duraan durse jiru utuu qabuu akkmiin ulfinni dabalataa kennamaaf? Dhugumaan kana irra ga'uudhaaf nu rakkisa. Jechuunis Abbaan Yesuusiin bifa adda ta'een fedhii abbaa isaa raawwachuudhaan ulfaachuu isaa agarsiisuudhaaf ta'a.

**Alexsanderya scholl (Barsiisa Aleksaanderiyaa).** Hiiki Macaafa Qulqulluu gosa akkasii Aleksanderiya Gibxiitti jaarraa 2 tti kan jalqabameedha. Bu'uura kan taasifates qajeelfama hiika kan Fiiloo yeroo ta'u duuka buutuu isaa kan ta'e kan Plaatoo fayyadama. Mala fakkeenyummaas jedhamuudhaan beekama. Hanga bara haarominaattis waldaa kiristaanaatti itti hojjetamaa tureera. Beektonni hiikichaas Origeni fi Awugistiin. Ibsa dabalataatiif macaafa Moises Siliva, *waldaan kiristaanaa Macaafa Qulqulluu dogoggorsitee hiikteetti ta'innaa?* Isa jedhu dubbisi ( bara harraaraa 1987)

**Alexandrinus** (**Aleksaanderinus).** Kun jaarraa 5 Aleksaanderiyaatti kan argame barreeffama arkaan barreeffame yeroo ta'u, keessa issatti Kakuu Moofaa, Kan mullata(Apocrypha) fi Kakuu Haaraa harka heedduu kan of keessatti kan haammatedha. Barreeffamichi hiikaa Kakuu Haaraa kan Giriikii kan ilaallateen kan caqasamu isa olaanaadha. (Maatewoos, Yohaannis, 2Qorontoos kutaa tokko tokkoottii kan fhafe) kitaabni kun maqaan isaa addaa "A" kan jedhamee fi barreeffamin kan biraa barreffamni kan Vatikan maqaan isaa addaa "B" kan jedhame. Dubbisa irratti yeroo walii galu karaa beektota Kitaaba Qulqulluu sirna seer lugaa keessatti akka isa bakka guddaa qabu taasifamanii fudhatamu.

**Allegory (carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu).** Hiiki Kitaaba Quluqulluu gosa akkasii jalqaba kan babbal'ate Aleksaanderiyaa amantii Yihudotaatiin. Iddoo olaanaa qabataa kan dhufe Fiiloo Alksaanderichaatiin. Fedhiin bu'uura amantii isaa caaffanno Qulqullaa'oon akkuma akka amantii namaa fi falaasamatti seeraatti fiduudhaan yoomessa seena qabeessa Kitaaba Qulqulluu (yeroo fi bakka) qabiyyee hoog baruu dhiisuudhaan. Caaffata Qulqullaa'oo keessatti hiika dhokataa argaman qoruu irratti xiyyeeffata. Yesuus Wangeela Maateewoos 13 irratti akkasumas Phaawuluus Galaatiyaa 4 irraatti dhugaa ibsuudhaaf fakkeenya jarri itti fayyadaman ni agarsiisa garuu kun bifa fakkeenyaa kan qabuu utuu hin ta'in bifa hoog barruu kan qabateedha.

**Analytical lexicon (Xiinxallii tarreeffama jechhootaa)** Kun tooftaa qo'annoo isa tokko yeroo ta'u tarreeffama jechoota Giriikii Kakuu Haaraa keessatti argaman addaan baasuuf gargaara. Tartiiba qubee qubee afaan Giriikii irratti hundaa'uun boocaa fi hiika isa olaana kan qabatedha. Amantoota afaan Giriikii hin dubbifneef hiika addaa waliin qabsiisee kaa'uudhaan seerluga Kakuu Haaraa keessatti afaan Giriikiitiin jiruuf tarreeffama hoogbarruu hubachuuf dandeessisa.

**Analogy of scripture(Walfakkeenya caaffata qulqullaa'oo)** Himin kun hubachiisuuf kan inni barbaadu guutumma Kitaaba Qulqulluu sagalee Waaqayyoo akka ta'ee fi waliin kan mormu osoo hin taane wal deeggaruuf akka ta'e hubachiisuudhaaf. Haalaan kan qindaa'e dhiyeessi akkasii sagalicha haala bu'uura ta'een walitti dhiyeessuun kaa'uudhaan kuta Kitaaba Qulqulluu hiika.

**Ambiguity (waan hiika tokko caalaa qabaatee karaa gara garaatiin hiikamu hiiki isaas shakkisiisaa ta'e).** Kun kan inni agarsiisu hiika shakki qabeessa kan qaban kuusaa barreeffamootaa yeroo ta'u hiika lamaa fi isaa ol yommuu qabaatu yookiin lamaa fi isaa ol kan ta'an tibba tokkicha caqasuudhaaf kan mudatudha. Yohaannis ta'e jedhee tooftaa kanatti fayyadameera.

**Anthropomorphic ()** hiiki gosa akkasii ilma namaa wajjin kan walqabate kan agarsiisu yeroo ta'u jechi isaa inni hundeen afaanii kan amantii Waaqayyo wajjin kan qabu walitti dhufeenya. Jechi isaa inni jalqabaa kan dhufe

kan Girikii irraa dhufe yeroo ta'u ilma namaa jechuudha. Hiiki isaa nuyi waa'ee Waaqayyo kan dubbannu loqoda kan namummaa jechudhaa. Haala Waaqayyo bifa hawwaasumaatiin jechoota xiin sammuutiin ilmaan namootaa waliin (Seera Umamaa 38, 1Mototaa 29: 19-23) akka barreesse isa dubbate jechuudhaa. Dhugumaan kun walfakkeenya qofaadha. Sanas ta'e kana ilmaan namootaa malee itti dhimma b a'uuf akka danddeenyu gareen yookiin jechi hin jiru. Kanaafuu beekumsi nuyi waa'ee Waaqayyoo qabnu dhugaa irratti hundaa'ee muurtaa'ina akka qabu agarsiisa.

**Antiochian school (barumsisa Antsokotaa).** Malli hiika Macaafa Qulqulluu gosni akkasii warraa Asoorotaa kan ta'an Antsookotaan jaarraa 3tti kan baballate yeroo ta'u, mala fakkeenyumma isa kan warra Antsookotaatiin kan wal falleessudha. Bu'uurri amantii isaas seenaa hiika kan seenaa isa kan Kitaaba Quqlqulluu irratti xiyyeeffata. Kitaaba Qulqulluu akkuma hogbarru isa kan ilma namaatti hiika. Barsiifni kun Kiristoos amala lama qaba isa jedhu barsiisa Nisxirichaa fi yookiin amala tokko qaba (waaqa guutuu fi nama guutuu) barnoota jedhuu gidduutti walii galtee dhabuu isa ka'e keessa galee akka ture ni beekama. Booda waldaa kiristaanaa Roomaan akka barumsa dogoggoraatti waan fudhatameef gara Persiyaatti yeroo demee lamma ijaaramuudhaaf yoo yaalames ejjennoo gaarii kan ta'e utuu hin qabaatin hafeera. Qajeelfamni hiika bu'uraa garu hiika kan seera qabu akka ta'uudhaaf Luterii fi Kalviiniif geggeessitoota haaromsaa (reformation) faayidaa irra ooluu danda'eera.

**Antithetical (kan faallaa).** Kun sadii keessaa gosa isa tokko kan ibsu mala kan barreeffamaa yeroo ta'u himoonni kan Ibrootaa karaa dubbii dacha kan walitti firooman agarsiisa. Hiikin isaanii kan walitti hindhufne hidd dubbii dacha walitti firoma isanii agarsiisaa. (Fak 10:1, 15:1)

**Apocalyptic litireture.**( hoogbarruu kan mullataa) kun harka caalaan karaa bifa adda ta'een gosa hogbarruu kan Yihuudotaati. Barreeffamni icciti gosa akkasii kan amma amma taasifamuudha. Qabiyyeen barreffamichaas Waaqayyo biyya lafaa akka uume guutummaan isees kan isaa akka taate furuu akka danda'u agarsiisee Israa'eeliidhaaf kaayyoo adda ta'e akka akka qabaatuu fi isheedhaaf akka of eeggatu agarsiisa. Hogbarrichi moo'ichu inni dhumaa kan argamu hirree Waaqayyo akka ta'e cimsee dubbata.

Barreeffamichi baay'ee kan fakkenyaan guutamee tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e jechoota iccitiitu isatti baay'ata. Yeroo baay'ee dhugaa halluudhaan, lakkoofsotaan, haala tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e, karaa ergamoota giddugaleessa godhateen, karaa jecha dhokattaatiin kan mul'atu ta'ee yeroo baay'ee hamaa fi gaarii gidduudhaan akka karaa billaa qarlamaa addaan hiree darba.

Gosi fakkeenyota kanaa tokko tokko tokko Kakuu Moofaa Ezk boqonnaa 36-48, Dan boqonnaa 7-12, Zakriyaasii fi Kakuu Haaraa immoo Mat 24; Mar 13; 2Tesl 2 fi Mullata Yohaannis irratti.

**Apologist (apologetics). (dhiifama gaafachuu)** kun hundeen jecha Grikii "ittisa seera qabeessa"kan jedhudha. Barumsa kan Kitaaba Qulqulluu keessaa kutaa barumsaa keessaa isa tokko yeroo ta'u amantii kiristaanaatiif walmorkiif ragaa ta'a.

**Prior (isa duraa).** Jechi sun duraan kan ittiin adeemsifame itti galiinsaa wajjin walitti dhufeenya cimaa kan qabudha. Akkaataan yaadii isaa karaan itti deeme duraan dursee kan ba'nii fi hiika fudhannee, qajeelfamoota, yookiis ejjennoowwan hundaa'uudhaan akka dhugaatti fudhachuudhaan itti fufuudha. Qorannoo dabalataa kamiinuu maleedhaa fi ibsa malee kan fudhannu jechuudha.

**Arianism**. (**Ariyoosummaa).** Ariyoos Aleksaanderyaa Gibxitti waldaa kiristaanaa Presbiterianiitt jaarraa 3 fi 4tti kan turedha. Jabeessee kan ittiin morku Fak 8:22-31 irra jecha jiru yeroo ta'u, Yesuus duraanuu akka ture yoo fudhates Waaqayyummaa isaa ganeera. (Abbaa wajjin wal qixxaachuun irra hin jiru jedha) Phaaphaasii Alksaanderiyaa irraa mormiin kan isa mudate yeroo ta'u kuns bara haraaraa 318 kaasee walmorkii waggoota heedduudhaaf turedha. Ariyoosummaan keessumaayyuu bu'uura amantii waldaa kiristaanaa kan ba'aa ta'ee fudhatamee ture. Bara haraaraa 325tti beektonni Niqiyaatti walitti qabaman Ariyoosiin ifatanii walqixxummaa Waaqayyummaa Ilmaa cimsaniiru.

**Aristotle**. (Aristootilii). Falaasa Girikii ishee durii yeeroo ta'u barataa Platoo fi Barsiisaa Elekisaanderi isa guddichaati ti. Dhiibbaan isaa amma ammaatti qo'annoo ammayyaa fi barsiisa irratti kan jabaatedha. Sababni kun itti ta'es hubbannaa fi mala barsiisaa karaa qabateen xiyyeefannoo waan kenneedhaaf. Kunis mala qo'annoo saaynsii isa tokko akka ta'e ni beekama.

**Autographs**. Kun mogaafama barreeffamoota Kitaaba Qulqulluu warren jalqabaatiif kan keennameedha.Barreeffamoonnii jalqabaa haraakaan barreeffaman kun guutummaa guututti badaniiru.Kan amma jiran warrabbilee waraabbilee qofaadha.Kunis qabiyyeen barreeffamoota kanaa kuniif qooqa Ibraayisxii fi kan Grikii gidduutti garaagarummaa akka uumamu taasiiseera.

**Bezae.** Kun jaarraa 6tti keessa kan ture barreeffama qooqa Griikii fi laatiiniiti. Mallattoo "D" kan jedhu yoo qabaatu, Wangeeloota, hojii ergamootaa fi walii gala ergaa tokko tokko o kan of keessaa qabuudha.Kana

malees barreeffamoota hedduu garaa garaa kan of keessaa qabuudha.Kitaabaa Qulqulluu Afaan Ingliizii King James jedhu kessattii hammatamuu waan qabaniif bu'uura kaa'eera.Yookiinis akka ka'umsaatti garagaarera.

**Bias (gama tokkoof looguu).** Jechii kun kan inni agarsiisuu,waan tokko irratti ykn Ilaalcha jalqaba ture irratti loogii ykn yaada hin sochoone qabaachuudha.Sammuun waanta tokkoon kan qabame yoo ta'e loogii taasiisuun isaa kan hin oollee ta'uu issaa nutty agarsiisa. murtii miciirama jalqaba sammuu keessa ture kan agarsiisuudha.

**Biblilical Authority**.(Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu), Jechii kun karaa adda ta'een faayidaa irra kan ooluudha.Kana jechuunis barreessaan inni jalqabaa, baraa isaatti maal jechuu akka fedheefii amma bara keenyatti haala akkamiitiiin hojii irra oolchuu akka dandeenyu isa jiru kan haammateedha. Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu kan inni agarasiisu Kitaaba Qulqulluu mataa isaa qofa abbaa aangoo keenya inni ta'e kan agrasiisudha.Kan ta'e ta'ee faalamnii hiikaa akka hin uumamneef hiika Kitaaba Qulqulluu karaa seena hordoofufii seer-luga karaa hordoofen qofa murteessuun ni gaha.

**Canon**. Heera.Jechii kun barrefamoota afuuraa ti jedhamanii kan itti amanaman ibsuuf kan itti dhimma bahameedha. Kunis barreeffamoota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa lammanuu ilaalchisee kan itti dhimma bahameedha.

**Christocentric (Giddugaleeffama Kiristoos)**. Jechii kun kan inni itti gargaarame Yesuusiin gidduu gala ta'u isaa agarsiisuufidha.Jecha kana kan ani itti fayyadame guutummaa Kitaaba Qulqulluu keessatti yaada gooftummaa Yesuusii waliin walitti qabsisee agarssiisuufanidha.Kakuun Moofaan garaa isaatti kan xiyyeeffatee agarssisuudha.Inniis xumura jecha isaa fi galmaasaati.(Matt 5:17-48 Ilaalii) .

**Commentary. (**Hiika Ibsituu).Kun Macaafa qo'annoo adda ta'eedha.Barreefamoota Kitaaba Qulqulluu ta'aniif seena duda dubaa bu'ura ta'e kan keenudha.Eegaa kutaa macaafichaa tokkoon tokkoon isaa ibsuuf kan yaaluudha.Tokkoo tokko haala raawwiitti hiilamuusaa irraati kan xiyyeeffatanu yammuu ta'anu, kaan ammo haala teekniikaa barreeffamichaa irratti xiyyeefatu.Kitaabooleen ibsituu akkasii kunneen baayyee fayida qabeessa. Haa ta'u malee garuu, isaanii duraa , namni qo'atu sun qo'annoo mataa isaa gaggeessuun isa irra ni eegama.Macaafooleen ibsituuwwaan kanneen kana namni fudhachuu dandda'u kan isaaf ta'u gadi fageenyaan qo'atee ta'uu qaba.Kanaafis ibsituwwaan adda addaa eejjeennoo barnoota kitaaba Qulqulluu adda addaa waliin madaalee ilaalutu filatamaadha.

**Concordance**.Kuusaa jechootaa, Kun Meeshaa kitaaba Qulqulluu qo'achuuf gargaaruu keessa isa tokkoodha. Jechoota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessa jiran tartiibaan kan tarreessaniidha.Karaa hedduudha garagaarsa ni godha.(1) jechoota afaan Inglizii tokkoon tokkoon isaanii afaan Ibrayixii fi Griikii wal bira qabee maal jechuu akka ta'an kan agarsiisuudha. (2) Buufata waliin ilaluudhaan gosa tokko kan ta'an jechii Ibraayisxii fi Griikii hojii irra ooluusaanii hubachuuf dandessisa.(3) Jechootni lama kan Ibraysxii ykn kan Griikii hiika walfakkataa qabaatanii gara afaan Ingliiziitti kan hiikaman ta'u isaanii ni agarsiisa.(4) Jechootni ammamiin irra deddebi'amee akka itti fayyadamanii fi Macaafoota kamiin keessa akka jiraatanii fi eenyuun akka barreeffaman ni agarsiisu.(5) Kitaaba Qulqulluu keessaa namni tokko dubbisa akka inni barbaadee argatu ni gargaara.

**Dead Sea Scrolls.(Barreeffamoota galaana du'aa keessatti),** kun kan inni agarsiisuu barreeffamootni bara durii kuusaan isaanii Afaan Ingliziitii fi Afaan Araamiyikiitiin barreeffaman. Bara 1947 ti galaana du'aa biratti argamuu isaanii kan addeessuudha.Kuusaawwan barreeffamaa kun mana kitaabaa amantaa yoo ta'an, kutaa Yihuudii kan ta'an jaarraa tokkoo keessa kan turaniidha.Bittaan Mootummaa Roomaa babalachuunii fi bara 60 keessa kan gaggeeffaman loollii inaa Gadaamii fi holqa keessatti dhagaa supheedhaan ukkaamamanii akka turan kan dirqisiisee ta'uun isaa ni tilmaama.

Kuusaan barreeffamaa sun, Filisxeemootaa jaarraa tokkoo keessa kan turan,yoomessa seenaasaanii akka nuti hubannuuf barreeffamoota 'maasooreetikii' jedhamuun dhugummaasaanii akka hubannuu(Dhaloota Kiristoosiin dura isa ture) nu dandeessisaniiru.Xiyyeeffanadhaniis 'DSS' Dead Sea Scrolls, jedhamuun beekamu.( Barreeffamoota galaana du'aa)

**Deductive.** Yaadni kun kan inni ibsuu yaada walii gala irraa gara tokkoon tokkoon dubbichaatti kan geessuudha. Yaada xiqqoo tokkoon tokkoon irraa ka'uun isa ibsuudha 'inductive' isa jedhamee beekamuu irraa adda ta'eedha. Kunis yaada karaa saayinsiitiin murtiidhaaf ibsamu adeemsa ilaalcha xiqaa irraa bal'aatti deemuudha.

**Dialectical(Diyaaleektiikaalii).** Yaadni akkanaa kun waantota faallaa ta'an tarreessee (paradox) yaada falaasamaa fi tokkummaa karaa lachaniin jiranu kan qo'atudha. Barsiisonni isaa diyalektiikaalii garee

lamaanii qabu. Caqasuudhaafis kanmurtaa'eedhaaf-fedhii bilisa ta'e, fayyinaaf-obsa, hojii-amantii, murteessuu-duukabuutummaa, kiristaanummaa bilisaafii-itti gaafatamummaa kiristaanummaa.

**Diaspora( lammii biyya ormaa jiraatu).** Jechi kun jecha Girikii yeroo ta'u Yidinni biyya Kana'aan Yihuudota biyya isaanii ala jiran daangaa lafa isaaniin ala kan jiran Yihuudota waamuudhaf kan itti fayyadamaniidha.

**Dynamic equivalent:** (Walqixxummaa guutuu). Kun hiika Kitaaba Qulqulluu kun kan dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame (theory) yeroo ta'u hiikonni isaa jechaa jechatti walqixxee fi jechii Ingli tokko Ibiroota irraa yookiin Girikii irraa kan isaan walqixu argatanii jijjiiruun kan isaaf ta'u yeroo ta'u, kun yoo hin taanes yaada bifa galeetiin sirriitti mummee isaa irraa utuu hin dabin akka hiikamu taasisa. dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame lamaan kana gidduutti walqixxummaa guutuu barreeffama ka'umsaa xiyyeeffate qabatee seerluga hammayyaa'een hiikamuutu irra jira jedha. Hiikin ibsa hiika dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffamee kanaa "Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubannoodhaan haa dubbifannu" Kitaaba Fi fi Stawoort fuula 35 irraa Roobert Bartcher seensa TEV tti kan itti gargaarame irraa argama.

**Eclectic (yaadaa fi amantii garaa garaa ilaaluudhaan kan ta'e filachuu).** Jechi kun faayidaa irra kan oole qeeqannoo kitaabichaa taasisuudhaaf. Faayidaan isaa dubbisa garagaraa baarreeffama Griikii keessaa barbaaduudhaan fi sakatta'uudhaan barreeffama isa jalqabaa bira ga'uudhaaf kan nama dandeessisuudha. Hogbarruu Girikiii gidduudhaas isa olaanaa irratti hirkachuudhaa bifa yaadaatiin kan kennaman hin fudhatan.

**Eisegesis.** Kun faallaa (exegesis) barreeffama amantii bali'naan ibsa itti laachuuti. Jechuunis exegesis yaada barreessaa isa jalqabaa keessaa kan ba'e yoo ta'e "eisegesis" immoo yaada ormaa yookiin ilaalcha keessatti baay'inaan galchuudhaa fi galuu ilaallata.

**Etymology (sayinsii waa'ee maddaa fi seenaa jechootaa fi hiika isaanii qo'atu).** Kun qo'annoo madda jechaa yeroo ta'u ka'umsi isaa maal irraa akka ta'e qo'ata. Hundee jechaa irraa ka'uudhaanis jechichi akkamiin faayidaa irraa akka oole beekuudhaaf dandeessisa. Yeroo hiikaa garuu **Etymologyiin kun** qabxii isa irratti xiyyeeffatamu isa olana miti. Hiika qabiyyichaa fi galiinsa jechichaati kan irratti xiyyeeffatamu.

**Exegesis (waraabbiitti ibsa kennuu yookiin kan Kitaaba Qulqulluutti).** Kun barreeffamicha irraa karaa ala ta'een yoo sakattaa'ame yaada barreessaa isa jalqabaa hubachuudhaaf kan nama dandeessisuudha. Kun yoommessa seenaa qabiyyee xinhima seerlugaa fi hiika jechichaa ilaala.

**Genre.** Kun jecha Faransayii yeroo ta'u gosa barreeffama gara garaa jechuudha. Gosa barreeffama walfakkeenyummaa qabaataan bakka tokkotti isaan ramada. Fakkeenyaaf seenaa seenessuu, dubbii dacha, fakkeenya, kan raajii fi kan seeraatu keessatti argamu.

**Gnosticism.** Dhimma kanaaf beekumsii nuyi qabnu kan maddu jaarraa 2 keessa kan turaniif barreeffama Ginostik yerooo ta'an yaadi isaa garuu jaarraa 1 yookiin duraan dursee kan turedha.

Tokko tokko akka jedhanitti kan Valantini fi kan Qorontin kan jaarraa 2 Ginostikis, 1 waanta ijaan argamuuf qaqqabatamu fi hafurri bkan bara baraa yeroo ta'an tokkoffas lammas qabatanii waanti (mater) gaarii yeroo ta'u hafuurri(spirit) garuu gariidha. Hafuura kan ta'e Waaqayyo kallattiidhaan waanta hamaa hojjechuu keessa hin seenu. 2 Waaqayyoo fi waanta (mater)gidduu kan yeroo dheeraa yookiin sadarkaa ergamaatu(angles) jira. Kan dhumaa yookiin kan gad aanu YHWH yeroo ta'u addunyaa kana (kosmos) kan uumeedha. 3 Yesuus kan ba'e akka YHWH yeroo ta'u sadarkaan isaa garu kan ol ta'ee fi waaqa isa dhugaa wajjin kan walqixudha. Tokko tokko ol aanaa taasisanii fudhachuun Waaqayyo irraa gad aanaa kan ta'e waaqayyummaa isaatiin osoo hin taane foon huffachuusaatiin Yoh 1:14 waanti(mater) akkuma haamaa ta'uu isaa Yesus dhagna namaa huffatee Waaqayyummaa ta'uu h in danda'u. inni hafuura 1Yoh 1:1-3, 4:1-6. 4 fayyinni argamuu kan danda'u Yesuusitti amanuudhaa fi beekumsa adda ta'e argachuudhaan.

Beekumsi addaa kunis namoota addaatiin kan beekamuudha. Beekumsa yookiin jechi nama dabarsu gara Mootummaa Waaqayyootti nama barbaachisa. Beekumsi seeraa kan Yihudotaas gara Waaqayyoo ga'uudhaaf kun akka nama barbaachisu ni agarsiisu. Barsiisonni sobaa kan Ginoostiksii seerota sakkoo gosa lama kan wal jifatan kaa'aa. 1 haala jireenyaa tokko tokkoof fayyinaa wajjin umaa walitti dhufeenya hin qabu. Jaraaf fayyinni hafurummaan beekumsa dhokataa, yookiin jecha ittiin darban(pass word) kan jedhameen kan walitti hidhaman geengoo(spheres) ergamootaati jedhu. 2 kan biroon immo haalli sirna jireenyaa fayyina irratti qabxii isa guddicha jedhu. Haala jireenyaa isa fooya'aadhaafis xiyyeefannoo kennuudhaaf hafuurummaa (spirituality) isa dhugaadhaaf raga kaa'u.

**Hermeneutics. (Hermeneuticsii)**. Jecha teknikaa yeroo ta'u exegesisiif akka qajeelfamaatti tajaajila. Kan karaa lamaa kan ta'e qajeelfama murtaa'aa ogummaa kan uumamaati. Kan Macaafa Qulqulluu yookiin kan qulqullaa'e kan jedhuun Hermeneuticsii bakka garee lamatti jechuunis qajeelfama walii gala yookiin

qajelfama tokkoon tokkoon isaa kan jedhuun. Kunis Kitaaba Qulqulluu keessatti kan argaman hogbarruu gara garaatii wajjin walitti firooma. Gositi hogbarruu gara garaa tokko tokko qajeelfama adda ta'e kan ofii isaa kan qabu yeroo ta'u kanneen biro wajjjin immoo tilmaammiiwwan fi galiinsa hiikaa wajjin walfudhata.

**Higher Criticism**. (ajiifannoo isa olaanaa). Hiiki Kitaaba Qulqulluu kun galiinsa yeroo ta'u kan inni irratti xiyyeeffatus kitaaba kan Kitaaba Qulqulluu isa tokko irratti yoomessa seenaa irrattii fi caasaa hogbarruu uirratti.

**Idiom (jechama).** Gaaleen kun adaa gara garaa irratti hirkachuun hiika hiika jecha isa jalqabaa wajjin kan walitti hin qabanne kan kennudha. Tokko tokko fakkeenyonni ammayyaa "kan gadhee gariidha", "na ajjeefte" kan jedhan jiru. Kitaabni Qulqulluunis gaalee kana fakkaata qaba.

**Illumination (Ibsa).** Maqaan kun kan kennameef Waaqayyo ilma namaatti dubbachuu isaa agarsiisuudhaaf. yaadiii dhaan. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Inductive (dhugaa irratti kan hundaa'e).** kun mala waan tokko ibsuu irratti (logic) kan hundaa'ee yeroo ta'u waan adda addaa irraa gara walii galaatti kan ibsuudha. Saayinsii kan ammayyaatiif kan hojiidhaan qorame ta'e tajaajiluu uirratti jira. Malichi durumaan kan Aristootiliiti.

**Interlinear.** Kun mala meeshaan qo'annoo yeroo ta'u afaan Kitaaba Qulqulluu kan hin dubbifanne akka ibsaniif hiika isaa fi akka itti caaseffame akka hunbatan gargaara. Hiika Ingili jechaa jechaatti kaa'uudhaan afaan Kitaaba Qulqulluu isa olaanaa wajjin walbira qabee kaa'a. Galiins qo'annoo kun jechoota hundee ibsuu waliitti makuun bu'uura kan ta'an hiika Girikii fi afaan Ibrootaaf bifa kenna.

**Inspiration(yaada ka'umsaa).** Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif kan dubbate barreessitoota Kitaaba Qulqulluu karaa sirrii fi ifaan kan ibse akka barreessaniidhaaf. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Language of description (afaan ibsaa).** Kun Kakuu Moofaatti kan barreeffame fi jecha isaa walitti qabsiisuudhaaf yaadameeti. Innis galiinsa haasaa adunyaa keenaa qaama miiraa shanaaniin irratti hundaa'uun dhiyeessa. Garuu ibsa saayinsaawaa jechuu miti.

**Legalism (seera qabeessummaa).** Haalli kun kan inni agarsiisu kan seera qabeessummaatii fi ayyaaneffannaa tokko tokkoof sirna waaqeffannaa kan kennaniidha. Ilmi namaa kan raawwatan seeraa fi heera Waaqayyo ni fudhata jedhanii fudhachuudha. Walitti dhufeenya gad kan qabuudhaa fi seerratta kan ol qabu ta'ee walitti dhufeenya kakuuwwanii lamaan isa qulqulluu Waaqayyoodhaa fi namummaa isa cubbamaa gidduutti akka adeemsifaman kaa'a.

**Literal(hiika barreemaa).** Kun hiiki barreeffamaa irratti kan xiyyeeffatu fi mala hiikaa seenaa kan ta'e adaa Antiihotaa ilaallata. Kan jechuunis hiiki qabuun kan irra jiru hiika isa ifa ta'e isa jabaa hin taane afaan ilmaan namootaatiin akka jedhedha jedha. Kana jechuun garuu afaan haala fakkeenyaatiin kan barreeffaman jiraachuu isaanii hiin ganu.

**Literary genre (gosa barreeffama).** Kun kan ilmaan namootaa ittiin walii galan kan ta'e gosa barreeffamaa jechuunis ciigoo, seenessa seenaa, kanaaf kan kana fakkaatan haammata. Gosii hoogbarruu tokkoon tokkoon isaa hiikaa mataa isaa yeroo qabaatu dabalataaniis hogbarruu gosa hundumaaf ta'a.

**Literary unit(barreeffamaa kutaa of danda'e).** kun kan agarsiisu kutaa ilaalcha Kitaaba Qulqulluu isan olaanaadha. Kunis dubbisa muraasatti boqonnawwannii yookiin keeyyataa qabuu danda'a. Ofii ofii isaattis gosa barreeffamaa giddu galeessaa guutuu kan ta'e kan qabatedha.

**Lower critcisim (**ajiifannoo gad aanaa**). Textual critcisim (**barreefama ajiifannoo) kan jedhu ilaali.

**Manuscript (barreeffama harkaan barreeffame).** Kun koppii Kakuu Haaraa Giriikiitii gara garaa agarsiisa. Yeroo baay'ee karaa gosa garagaraatiin ramadamu. 1) kan isaan irratti barreeffaman papiirusii fi kallee (papyrus, leather). 2) bifti barreeffamichi mataan isaa (qobee gurguddaa yookiin kan walitti qabate ta'uu isaa) gabaajee "MS" qeentee "MSS" lakkoofsa baay'ee jedhamu.

**Masoretic text (barreeffama Maasoretii).** Jaarraa 9tti Kakuu Moofaa kan afaan Ibrootaattiin barreeffame barreeffama harkaan barreeffame agarsiisa. Kunis ogeeyyii Yihudootaatiin kan barreeffameef fi sagalee dubbisiiftuu fi yaaddanno gar jalaatti barreeffaman kan qabatedha. Kakuu Moofaa kan Ingili kan ta'u barreeffamni kana irraa kan argamedha. Barreeffamichi bifa seenaatiin afaan Ibrootaatiin akka ta'e kan

mirkanaa'e yoo ta'u keessumayyuu raajii Isaayyaas barreeffama maramaa galaana du'aa tiin (dead sea scroll) beekameera. Gabaageenis "MT" (Masoretic text) jedhama.

**Metonymy.** Kutaawwan dubbi ta'ee, maqaan waanta tokkoo kan biraa wajjin caqasuun kan itti mullatudha. Fakkeenyaaf "jabanaan danfaa jira" yeroo jedhu "bishaan jabanaa sana keessa jiru danfaa jira" jechuudhaaf.

**Muratorian Fragments (Cabaa Muratorianii).** Kun kiitaabota seeraa fi heeraa tokkoon tokkoon isaa kan walitti qabate kutaaa Kakuu Haaraati. Kan barreeffames bara haraaraa 200 durseeti. Achuma 27 kitaabni Kakuu Haaraa Protestaantiidhaan kitaaba haaraadha. Kunis Waldaaleen mootummaa Room keessatti kan argaman oolaanonni manneen mare waldaalee yookiin jaarraa 4 kan turan duraan akka hojjetame agarsiisa.

**Natural revelation(mullata uumamaa).** Kun Waaqayyo ofii isaa namootaatti kan ittiin mulisu kutaa isa tokko. Seerawwan uumaamaa (Rom 1:19-20) kan safuu qabu miijana sammuu (Rom 2:14-15) haammata. Far 19:1-6 fi Roma 1-2 irratti barreeffameera. Mul'ata addaa irraa gara gara. Jechuunis Waaqayyo mul'ata mataa isaa Kitaaba Qulqulluudhaanis ta'e karaa Yesuus Nazreetichaa jechuudha.

Gitin barumsa hafuuraa kun irra deebi'amee xiyyeeffannoon kennameefii kan akka Hug Roos jiran barreessitoota kiristaanota gidduutti sochii "adunyaa moofaa" irrattin ilaalmeera.

Jarris gitin kun hundu dhugaan hunduu dhugaa Waaqayyo akka ta'etti mirkaneeffatu. Uumamni Waaqayyoon beekuudhaaf balbala banamaadha. Kunis mula'ata addaa (Kitaaba Qulqulluu) irraa adda. Saayinsiin ammayyaa seerrata uumamaa akka qo'atu bilisummaa kennaaf. Akka yaada kootti saaynsawaa isa hammayyaatiin adunyaa isa lixaa dhugaa ba'uudhaaf carraa ajaayibsiisaa haaraadhan jedha.

**Nestorianism (Nisxrummaa).** Nisxiroos jaarraa 5 keessa dura taa'aa Konstantinplii kan turedha. Kan barates Sooriyaa Antsookiyaaitti yeroo ta'u qabxiin inni ittiin mormii kaases Yesuus amala lama yeroo qabaatu inni tokkon guutummaa guutuutti nama; inni kaan immoo guutummaa guutuutti Waaqayyummaadha jedha ture. Kunis Ortodoksii isa kan Aleksaandariyaa amalli tokko walmakameera kan jedhu irraa kan ba'edha. Xiyyeeffannoon Nisxiroos inni guddaan Maariyamiif kan kenname "haadha waaqaa" moggaasa jedhudha. Nisxiroos Siriil Aleksaandarichan ajiifannoon isa qaqqabee ture. Kunis naanna'ee naanna'ee kan baratee Antsookiyaaitti jechuudha. Yeroo sanatti Antsookiyaan waajjira muummee hiika Kitaaba Qulqulluu yeroo taatu aleksaanderiyaan immoo waajjira muummee dacha afur hiikaa mana barumsaa (allgorical) carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu turte. Nisxiroos taaytaa isaa irraa bu'ee akka baqaatiif (exile) ta'u taasifameera.

**Original Author (barreessaa jalqabaa).** Kun kan agarsiisu barreesitoota isaan duraa kan caaffata qulqullaa'oo barreessan.

**Papyrus (Pappirasii).** Bara durii akka waraqaa waa itti barreessaniitti kan tajaajilu kan Gibxootaati. Shomboqqooyookiin leemman laga qarqaraa irraa hojjetama. Kitaabonni durii kan Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa kan barreeffaman kana irratti.

**Parallel passage (bukkoo waan dubbifamu).** Kutaaleen yaadaa kunneen Kitaabni Qulqulluun kan nuuf kennameedhaaf hiika guutummaa guuttuunis isa akka ta'e yaada nama doggoggorsan kan nutty fakkaatan illee karaa giddu galeessumaa qabuun kan hiikudha. Kunis namni tokko ifa kan hin taaneef waanna dhubbisu sana hiikuudhaaf yeroo yaalu hubachuu danda'a. wantonni dubbifaman (passages) dabalataanis kutaaleen ifa ta'anii kan waliitti firoomna qaban matuduree kenname sana jalatti caaffata qulqullaa'oo irraa agarsiisu.

**Paraphrase (waanta barreeffame tokko gabaabsanii jecha namaa galuun dhiyeessuu).** Kun yaada hiikaan Kitaaba Qulqulluuti. Hiikaan Kitaaba Qulqulluu jechaa jechatti kan taasifamee fi booca walqabatu kan qabate ta'ee jechi Ingili afaan Ibirootaatiifis ta'e afaan Girikotaatti hiikin isaa barbaadamee yaadi kutaa sanaa inni baay'ee barbaachisaan garuu ilaalcha tilmaammii gad aanaadhaanbarreeffama isa olaanaa wajjin ilaalamaa kan itti hiikamudha. Yaada kana lamman keessaa "guutummaa guutuutti kan wal siman" kan jedhamu garuu barreeffamicha isa olaanaa seerluga ammaayyaatiin fi jechamaan hiikuudhaaf kan yaaludha. Kana kan ilaallateen ibsituun gaarii Fii fi Stuartiin "Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubachuun haa dubbifannu" fuula 35 ilaal.

**Paragraph (keeyyata).** Kun karaa hololoo(prose)kan taasifamu gosa hiika isa olaanaadha. Yaada giddugaleessaa tokko fi guddina isaa qabatee jira. Al tokko tokko keeyyaticha irratti qofa xiyyeeffannee hiika isaa yeroo barbaadnu yaada barreessaa isa jalqabaa argachuu dhiisuu dandeenya.

**Parochialism(yaada dhiphinaan).** Kun kan agarsiisu loogiin kan qabame walitti dhufeenya barnoota hafuuraa fi addaa kan naannaa tokkoo ti qabameeti. "Aadaa" guutuu kan Kitaaba Qulqulluu adaa adaa kamiin irra iyyuu caalu fi haala inni ittiin hojii irra oolu yaada keessa hin galchu.

**Paradox(yeroo dhaga'an dhugaa waan hin fakkaanne garuummoo immoo dhugaa ta'uu waan danda'u).** kun kan inni agarsiisu dhugaawwan kan walii faallaa fakkaatan yeroo ta'u (ni ta'u hin ta'an) ergaa jedhu kan qabatedha. Dhugaa kan inni dhiyeessu karaa faallaa ta'e irraa deemuudhaan. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu heedduun kan isaan dhiyaatan karaa (miti-eeyyee) kanaa yookiin karaa galiinsa falmii gochuudhaan dhugaasaa bira ga'uf yaaluu (dialectic) waalii faallaa lachanii kanaa qabateeti. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu akka uurjiiwwan wal irraa faffagaatanii taa'anii osoo hin taane akka uurjii gita gita qabatanii jiraniitti fakkeeffamu.

**Plato (Plaatoo).** Faalaasama Giriikii warra durii keessaa isa tokko. Falaasamni isaa waldaa ishee durii beektota Alekisaanderiyaa Gibxitti akkasumas karaa Awugisxinoos dhiibbaa huumeera. Pilaatoon, biyya lafaa irra kan jiru waanti kam iyyuu gargalcha(copy) waantota hafuuraati jedhee amana. Booda beektoonni hafuuraa yaada Pilaatoo kana gara "yaadawwan/boocawwan" jechuudhaan hojii hafuuraatiif hojii irra oolchaniiru.

**Presupposition(tilmaammii duraanii).** Kun waa'ee waan tokkoo dursinee kan yaadnu. Bareeffama qorachuu keenyaan dura yeroo baay'ee yaaadafii murtii(ejjennoo) waa'ee waanta tokkoo qabaanna. Tilmaammiin duraanii kun loogii jedhamuun beekama. Tilmaammiin yookiin beekkamtummaa duraa jedhama.

**Proof texting.** Kun shaakala jijjiirraa caaffata qulqullaa'oo lakkoofsaan qofa (kutaa isaa guutummaa utuu hin taane) yookiin yaada walii gala kutaa sanaa osoo hin taane hojii hiikuuti. Kunis lakkoofsicha yaada barreesichaa isa jalqabaa irraa kan garaa garaa ta'e utuu hin taane yaada dhuunfaa itti dabaluudhaan. Aboo Kitaaba Qulqulluu dhiisanii jechuudha.

**Rabbinical Judaism(Barsiisummaa Yihudummaa).** Seenaan jireenya Yihudootaa gosti akkasii kan jalqabame Dhaloota Kiristoos Dura 586-538tti Baabilooniin booji'amuu booda. Luboonni Yihudotaa fi manni qulqullummaan erga hafanii booda manni sagadaa Yihudootaa (synagogue) wiirtuu waaqeeffanna amantii Yihudootaa ta'uu danda'an. Bakka kanattis addaa Yihudotaa, walitti dhufeenya, waaqeffannaa fi caaffata qulqullaa'oo bakka itti qo'atan ta'uudhaan wiirtuu xiyyeeffannoo amantii biyyoolessaa ta'aniiru. Bara Juliyesiitti jarreen "amantii barreeffamaa"jedhamanii kan beekaman lubootaa wajjin bifa bukkootiin tajaajilaniiru. Bara haraaraa 70tti kufaatii Yeruusalem booda qaamni barreessitootaa olaantota Fariisotaa ta'uu danda'uudhaan gararraa jireenya amntaa Yihoodataa to'achuu danda'eera. Amalli isaas kan hojiin agarsiifamu hiika Tora(Kitaabota seeraa) irratti kan xiyyeeffatu ta'e mala fayyaddamuun Talmuudiin ibsuudha.

**Revelation(mul'ata).** Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif dubbatu ibsuudhaaf maqaa kennamedha. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa-hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Semantic field** (**Dirree xinhiikaa)** kun kan ilaallatu waliigala waantota heedduu gosa tokkichaa kan jechaan walitti firoomaniiti. Inni jalqabumaan garaagarummaa yaaadaa sagalichi qabiyyee garaa garaa irratti qabudha.

**Septuagint**. Kun maqaa hiika Kakuu Moofaa afaan Ibrootaa irraa gara Girikiitti hiikameef kan kennameedha. Dudhaan akka jedhutti inni Yihuudota torbaatamaan guyyoota torbaatama keessatt barreeffame, mana kitaabaa Aleksaandeeriyaa Gibixiittiif. Guyyaa duudhaatti inni naannaa Dhaloota Kiristoos dura 250tti (dhugaan garuu yoo yaadne inni xumuramuudhaaf waggoota dhibba tokko fudhateera). Hiikaan kun barbaachisoodha sababni isaas (1) inni barreeffama durii kan Ibrootaa isa Masooretiikii wajjin akka walbira qabnee ilaallu nuuf kenna; (2) inni haala Ibroonni warri dhaloota Kirstoos dura jaarraa lamma keessa turan akkamiin akkahiikan nu agarsiisa; (3) Yesuusiin simaachuu dhiisuu isaaniin dura hubannoo Yihuudonni Masihichaaf qaban agarsiisa. Gabaajeen isaas "LXX" jedha.

**Sinaiticus**. Kun barreeffama Griikii jaarraa afurati. Inni kan argame beektota Jarmaniitiin. Tischendorf, at qul. Katherine's gadaamii bakka Jebel Musa, bakkaa aadaa gaara Siinaa. Barreeffamni kunis kan inni ittiin filatame qubee afaan Ibrootaa isa jalqabaa "« *aleph* » [ א ] tiin. Inni guutummaa Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa qabatee jira. Inni barreeffama bara durii keessaa isa tokko qubee guddaa MSS jedhuun kan beekamu.

**Spiritualizing(kan hafuuraa taasiisu).** Jechi kun Aliigorii isa jedhamuu wajjin walfakkaata. Karaa qabiyyee isaa isa jechaa jechattii fi kan seenaa haquudhaan keeyyata sana ulaagaa kan biraaa irratti hundaa'uun hiika.

**Synonymous (moggoyyaawaa).** Kun kan ilaallatu jecha sana yookiin hiikaawwan walfakkaataa(dabalataan dhugumaan jechoonni lama xinhiiki isaanii wali irra hin bu'u). jarri maarree baay'ee walitti dhiyaachuu danda'u kanaaf hima keessatti utuu hiika isaanii hin balleessin inni tokko isa kan bira bakka bu'uu danda'a. Inni dabalataan ceenaayyina (parallelism) lamman walaloo Ibrootaaf fayyaduu danda'a. Akka yaada

kanaatti inni kan ilaallatu kitaabota ogummaa keessatti argaman sarara lama ta'nii garuu dhugaa tokko agarsiisu (Far. 103:3).

**Syntax (xinhima).** Kun jecha Griikii ta'e kan inni ilaallatu ijaarsaa hima tokkooti. Kan inni dubbatus amalli kutaa hima tokkoo wal bira kaa'aman yaada guutuu tokko uumuudhaaf jedha**.**

**Synthetical (yaada garaa garaa gara yaada cuunfamaa tokkootti fiduu).** Kun jecoota sadan haala walaloon (poetry) Ibrootaa wajjin deemudha. Jechi kun waa'ee toora walaloowwanii dubbata, tokko tokko irratti haala guddinaatiin ijaaraamaa. Alii alii akka haala qilleensaatti fakkeeffama "climatic" jedhamee waamama (Far. 19:7-9).

**Systematic theology**. Sadarkaan hiika akkasii dhugaa Kitaaba Qulqulluu tokummaa fi karaa sababaatiin yeroo dhiyeessaniidha. Kaan seenaa ta'uu isaa irraa sababa dhiyeessuu isaatu caala kunis barnoota kiristaanummaa kan hafuuraa ta'an gita gitaan taasisuun fakkeeenyaaf Waaqayyo, cubbuu, nama, fayyinaa fi kanaaf kana kan fakkaatan dhiyeessa.

**Talmud(Taalmudii)**. Kun xinhima Yihuudotaa moggaasa kennameedha. Yihuudonni Waaqayyo gaara Siinaa irratti Museetti akka dubbate ni amanu. Dhugumaan yeroo ilaalamu garu ogummaa Yihudootaa walitti qabame waggoota heedduuf kan walitti kuufamedha. Hiika Taalmuudii gosa gara garaa lamati jiru. Kan Baabloonotaa fi gabaabaa fi kan hinxumuramne kan Kanaa'aan (Palestinian).

**Textual criticism**. Kun barreeffama Kitaaba Qulqulluu qo'achuudha. Qo'annoon gosa akkasii kan barbaachisaa ta'uuf barreeffamoonni warri jalqabaa waan hin argamneef hiikaan jaraa garaa gara tauu isaaniiti. Garaa garummaa ibsuudhaan amma danda'ameen gara barreeffama Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa isa jalqabaa bira ga'uudha. Yeroo heedduu "qoranno isa gad aanaa" jedhama.

**Textus Receptus (akkaataa simannaa barreeffamaa).** Moggaasin kun gara hiika Elzer kan ta'e Kakuu Haaraa Griikii bara haraaraa 1633 hiikametti guddate. Jalqabumatti iyyuu Kakuu Haaraa Griikii kun kan argame muraasa duraan barreeffamanii kan turan barreeffama Griikii fi Laatiinii kan harkaan barreeffamanii turan jechuunis Erasmus (1510-1535), Stephanus (1546-1559) fi Elzevir (1624-1678) irraa ture. kitaaba *An Introduction to the Textual Criticism of the New Testament*, fuula 27, A. T. Robertson barreesse irraa akkas jedha "barreefamni Beezaantaayin kun hojiin yeroo ilaalamu barreeffamoota fudhuchuudha." Jedheera. Barreeffamoonni Beezaantaayiin kun baay'ee kann fayyaduu kan ta'an barreeffamoota Griikii durii sadan (kan lixaa, Aleksaanderyaa fi Beezantaayiin) keessatti kan ramadamuudha. Keessa isaatti duri yeroo harkaan garagalchaman dogoggooroota ta'an qabatee jira. Ta'us garuu A. T. Robertson barreefama isaa keessatti ammas akkas jedheera "barreeffamoonni kun keessa isaaniitti nuuf kaa'anii darban waantota heedduu barbaachisoodha." jeddheera (fuula 21). Barreefamni Giriikii kun (keessumattuu maxxansa sada kan Erasmus isa 1522) King Jems Version (KJV) isabara haraara 1611 qophaa'eefis bu'uura guddaa ta'eera.

**Torah** (**Tooraa).** Kun jecha Ibrootaattin "barsiisuu" jechuudha. Innis barreeffama Museetiif (Seera Uumamaa hangaa Seera Keessa Deebii) kan jiraniif maqaa seera qabeessa ta'eera. Kun Yihuudotaaf kutaa bakka guddaan kennameefii fudhatama qabudha.

**Typological.** Kun hiika ogummaa gadi fakkeenya qabu. Yeroo heedduu dhugaan Kakuu Haaraa Kakuu Moofaafii akka bifa fakkeenyaa ta'uun kan caqasuudhaaf kan waliitti firoomsudha. Gitin hiikichaa inni olaanaan mala kan isa Alekisaanderiyaa kan hordofedha. Hiiki gosa akkasii kun sirriitti rawwatamuu dhiisuun hiikuun isaa yeroo geggeeffamau kutaa Kakuu Haaraa keessa kan murtaa'an irratti ta'uu qaba.

**Vaticanus (Vatikanus)** kun barreeffama harkaan barreeffame kan jaarraa 4ti. Mana kitaabaa Vatikaan keesssatti argame. Jalqaba irratti kan inni qabatee jiru Kitaaborta Kakuu Moofaa hundumaa, Kitaabota Appookiri (kitaabota Kakuu Moofaa keessatti dabalamanii jiran kan warra Protestaantii biratti hin fudhatamne) fi Kakuu Haaraa ti. Garuu garri kaan badaniiru (Seera Uumamaa, Faarsaa, 1 fi 2 Xiimootewoos, Titoo, Filimoonaa fi Mullata Yohaannis.). Jechoota jalqabaa fi abbaa barreesse gargar baasuudhaaf kun barreeffama baay'ee fayyaduudha. Inni kan beekkamu qubeen guddaan "B" kennameefiiti.

**Volgate.** Kun hiika Kitaaba Qulqulluu Laatiin kan Jeromi. Inni waldaa kirstaanaa Kaatoolikii biratti hiika bu'uuraa yookiin kan "gamtaa" taeera. Kan inni qophaa'es bara haraaraa 380tti ture.

**Wisdom literature (hogbarruu kan ogummaa).** Jechi kun gosa hogbarruu beekamaadha naannaa ba'aa isa durii (biyya lafaa isa ammaayyaa) biratti. Kunis dubbii dachaatiin, walaloo, dubbii fakkeenyaa fi barreeffama adda addaatiin dhaloota haaraa barsiisuu fi jireenya fiixaan ba'umsa qabu akka jiraatan dandeessisuudhaaf. Ergichis walumaa galatti hawaasaa fi utuu hin taane dhuu irratti kan xiyyeeffatedha. Haala seenaa goollabuudhaan itti hin fayyadamu. Keessumaayyuu hubannoo barmaatilee jireenyaa ilaallata. Kitaaba Qulqulluu keessaa Iyyoobii hanga Weedduu weeddutaatti kan itti yaadamu argamuu YHWH fi isa

Waaqessuu yeroo ta'u ilaalchi adunyaan kan hafuuraa kun haala shaakala jireenya ilmaan namootaa keesssatti yeroo hundumaa akka hin raawwatamne ni beekama.

Akka garee hogbarruu dhugaa walii gala irratti xiyyeeffata. Gosti hoogbarruu kun garuu haala hundumaa faayidaa irra hin oolchu. Yaadonni walii galaa kunneen haala nama tokkoon tokkoonii irratti kan raawwataman miti.

Barreeffamoonni kunneen gaaffii jireenyaa isa cimaa kaasu. Yeroo heedduu ilaalcha amantii ta'anii kan adaan kaasu (Iyyoob Lallaba). Gaaffii jireenyaatiif deebii giddu galeessa ta'e kennuudhaan keessumattuu gaddisiisaa kan ta'e irrtti xiyyeeffatu.

**World picture and world view (bifa biyya lafaa fi ilaalcha biyya lafaa).** Kun jechoota waliin deemaniidha. Lachan isaanii yaada falaasama uumamaa wajjin walitti dhufeenya qabu. Jechi "bifa biyya lafaa" kan innni ilaallatu "akkamiin dhaan" garuu immo "ilaalcha biyya lafaa "kan jedhu immoo kan inni wajjin deemu "eenyu" kan jedhuu wajjin. Jechoonni kunneen baay'ee fayyadu hiikuu irratti sunis Seera Uumamaa 1-2 isa jalqabaa Eenyu kan jedhu waa'ee uumamaa akkamiin kan jedhu osoo hin taane.

**YHWH.** Kun Kakuu Moofaa keessatti maqaa Waaqayyo kakuuti. Inni Seera Ba'uu 3:14 irratti hiikameera. Jecha Ibrootaatti kan fuula duraa goochima "ta'uuf" sababan kan agarsiisu yeroo ta'u, Ibroonni maqaa kana waamuu ni sodaatu. Akka salphaatti akka hin fudhanneedhaaf jechuudha. Qooda kanaa *adonai* jedhuun bakka buusu. Jechuunis "gooftaa" kunis akkamiin maqaa kakuu kan Ingilitiin kan jijjiiramedha.

# HAFAA AFRAFFAA
# BEEKSISA AMNTII

Ani hundumaan olitti waa'ee ibsa ejjennoo amntiif dhimma hin qabu. Ani Kitaaba Qulqulluu mataa isaa mirkaneeffachuun filadha. Garuu ibisi aejjennoo amantii kootii jarreen ilaalcha barsiisa kootii qorachuu barbaadaniidhaaf karaa akka agarsiisu nan amana. Bara keenyatti dogoggorsii fi gowwomsaan barnoota amantii heedduun ni jiru, armaan gaditti goollabbiin barnoota amantii kooti ni argamu.

1.Macaafini Qulqulluun lachanuu Kakuu Haaraanii fi Kakuu Moofaan, kan hafuura Waaqayyoon dhufan, kan hin kufine,abo qabeessa, sagalee Waaqayyoo jiraataadha. Inni karaa Waaqayyo ofii isaa mullise namootaan kan barreeffame geggeessaa sammuu namaa oliitiin. Inni waaa'ee Waaqayyoo fi kaayyoo isaaf dhugaa qulqulluudha. Inni ammas dabalataan amantiitif madda tokkicha fi Waldaa isaatiif shaakala.

2. Baraa tokkotu jira. Inni uumaa kan argamanuu fii hin argamnee waan hundumaati. Inni ofii isaa kan mullise akka jaallataa fi kunuunsaatti ta'us inni dabalataan dhugaa fi sirriidha. Inni karaa sadiin of mulise: Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu, kan gara gara ta'an garuu Waaqayyo tokkicha.

3. Waaqayyo biyya lafaa kana amma eegaa jira. Uumama isaaf kaayyoo hin jijjiramne bara baraa fi akkasuma dhuunfaatti fedhii ilma namaa hayyamu irratti kan xiyyeeffate lammantu jira. Hayyama fi beekumsaa Waaqayyoo malee humtuu hin ta'u. Ammayyuu filannoo dhuunfaa namaa fi ergamootaaf ni hayyama. Yesus nama Waaqayyoon filatamedha akkasuma immo hundumtuu isaan filatamuu. Waaqayyo waantota ta'an duraan dursee beekuun isaa utuu humtuu hin barreeffammin dursee fedhii namootaa gad hin hirrisu. Hundi keenya waan hokjjennee fi dubbanneef itti gaafatamummaa qabna.

4. Ilmi namaa, bifa Waaqayyootii fi cubbuu malee uumamu illee, Waaqayyo irratti finciluu filate. Ta'us karaa uumamann gararraa ta'een qorame, Addaamiif Hewaan ofii isaaniitiin kan filataniif itti gaafatamummaa qabu turan. Fincili isaanii namummaa fi uumama irratti rakkoo fide. Hundi keenya haala walii galtee keenyaa karaa Addamii fi fincila fedhii keenyaaf dhuunfaattiif araraara fi ayyaana Waaqayyoo nu barbaachisa.

5.Waaqayyo namummaa kufeef karaa dhiifamaa fi haarominaa qopheesse. Gooftaan Yesuus ilmi addaa Waaqayyoo nama ta'e, jireenya cubbu maleeyyii jiraate, karaa du'a bakka bu'iinsaatiin, gatii cubbuu ilma namaa kaffale. Inni haaromina tokkummaa Waaqayyoo wajjiniitiif karaa isa tokkicha. Karaan fayyinaa kan biraa hin jiru hojii inni xumuretti amanuun malee.

6. Tokkoon tokkoon keenya dhuunfaa keenyaatti kennaa dhiifamaa Waaqayyoo fi haaromina Yesuusiin arganne. Kun kan inni raawwatame karaa fedhii mataa keenyaatiin abdii Waaqayyoo karaa Kiristoosiitti amanuudhaa fi cubbuu beekamaa irraa fedhii guutuudhaan deebi'uudhaa.

7. Hundumti keenya gutummaa guutuutti dhiifama arganneerra Kiristoositti amanachuu keenyaa fI cubbuu keenya irraa deebi'uudhaan. Garuu kun walitti dhufeenyi haaraan kun kan ittiin ilaalamu jijjiiraa fi jijjiirama jireenyaatiin. Galmi Waaqayyo namummaadhaf qabu gaaf tokko Samii irratti qofa miti, amma Kiristoosiin fakkaachuudha. Jarreen dhugumaan fayyan , darbee darbee cubbuu ni hojjetu, amantii tti fi qalbii diddiirachuu bara jireenya isaanii ittuma fufu.

8. Hafuurri Qulqulluun "Yesuus kan biraa" Inni warra badan gara Kiristoositti fiduu fi jireenya Kiristoos fakkaatu warra fayyan keessatti guddisuudhaaf biyya lafaa kana keessa jira. Kennaa hafuuraa yeroo fayyinaa kennamu. Jarri jireenyaaf tajaajila isaa dhagna isaa, waldaa kiristaanaa gidduutti. Kennaawwan jalqabumaan iyyuu amalaa fi fedhiin Yesuus kan kaka'uu barbaachisan firii hafuuraatiin. Hafirichi akkuma bara Kitaaba Qulqulluu turetti bara keenyattis hojii irra jira.

9. Waaqayyo abbaan Yesuus Kiristoos isa du'aa kaafame waan hundumaa irratti abbaa firdii isa taasise. Nama hunduma irratti firdii kennuudhaaf inni gara biyya lafaatti deebi'ee dhufa. Jarreen Yesusitti amananii fi maqaan isaanii galmee kitaaba jireenyaa isa kan Hoolichaa irratti barreeffame yeroo inni deebi'ee dhufu dhagna isaanii isa ulfina qabeessa argatu. Isaa wajjin bara baraan ta'u. Garuu jarreen dhugaa Waaqayyootiif deebii laachuu didan gammachuudhaaf walitti dhufeenya sadan Waaqa tokkichaattii bara hanga bara baraatti gar gar ba'u. Seexaanaa fi ergamoota isaa wajjin asabamu.

Kun dhugumaan guutuu fi of eeggannoodhaan waan hojjetame miti. Garuu inni kun dhandhama barumsa kan hafuraa isa garaa koo irraa akka siif kennu nan abdadha. Ani hima kana nan jaalladha.

*"Barbaachisoo irrratti - tokkummaa, waan hin barbaachisne irratti - filannoo, karaa hundumaan- jaalala."*